# Seensa Dubbii Dachaa Ibirootaa

I. SEENSA

A. Gosni og-baruu akkasi Kakuu Moofaa hanga 1/3ffaa gaha. Innis keessaa iyyuu "raajoota" irratti kan baratamee dha (Haagee fi Milkiyaas irraa kan hafee hunduu dubbii dachaa qabateera) akkasumas safartuu Ibirootaa (kitaaba qulqullootaa) kutaawwaan "kitaabaa"
B. Innis dubbii dachaa Ingilliffaa irra baay'ee adda ba'a. Dubbiin dachaa Ingilliffaa guddachaa kan dhufe dubbii dachaa Girikii fi Laatini irraati, innis durumaan sagalee irratti kan hundaa'e. Dubbiin dachaa Ibirootaa dubbii dachaa Kana'aan wajjin baay'ee kan qoodatu qaba. Kan galimni ittin jabaatu gosa kamii iyyuu yookaan qooqni dubbii dachaa baha dhi'oo irratti wal hin simu (ta'us garuu rukkutaa manaa qaba).
C. Argama boca durii, kibba Israa'eel Ugarit irratti (Raas Shaamiraa) hayyoota gargaareera, akka dubbii dachaa Kakuu Moofaa hubataniif. Dubbiin dacha kun, jaarraa 15ffaa Q. L. K kan ta'e ifa kan ta'e walitti dhufeenya barreefamaa kitaaba qulqulluu wajjin qaba.

II. AMALA WALII GALAA DUBBII JECHAA

A. Baay'ee gadi fagoo dha
B. Innis dhugaa, miira yookaan shaakalliwwan murnaan ibsuudhaaf yaala.
C. Innis duraan dursee kan barreefamaa ture, kan jechaani osoo hin taane. kunnis caasefamni kan inni ibsu
   1. Galimawwan wal madaalan (wal-cinaan kan ta'e)
   2. Tapha jechaan
   3. Tapha sagaleen

III. CAASEFFAMA R. K. Harrison, *Introduction To The Old Testament*, fuula. 965-975)

A. Bishoo Roobert Lowuz kitaaba isaa irratti, dubbii dachaa qulqulluu Ibirootaa barnoota (1753) kan dursu ture, dubbi dachaa kitaaba Qulqulluu amala kee akka galima wal madaalaatti akka yaadaman gochuuf. Baay'een hiikawwan Ingilliffaa kan isaan bocaman dubbii dacha galimawwan argisiisuufi dha.
   1. Walfakkaataa --- galimawwan yaada wal fakkaataa jechoota adda addaan ni ibsu:
      A. Farfannaa 3:1, 49:1, 83:14, 103:13
      B. Fakkeenya 19:5; 20:1
      C. Isaayaas 1:3, 10
      D. Amos 5:24; 8:10
   2. Faallaa --- galimawwan yaada walfaalleessan ibsu, bifa wal falleessuun yookaan bifa sirrii ta'ee fi alta'aa ta'een teessisuun:
      A. Faarfannaa 1:6; 90:6
      B. Fakkeenya 1:29; 10:1; 12; 15:1; 19:4
   3. Walmakaa --- kan itti fufan galimawwan lama yookaan sadii guddisani mul'isu- Far.1:1-2; 19:7-9; 29:1-2
   4. Kan wal dha'e --- gareen gdubbii dachaa ergicha gara gadii fi gara olitti bifa ta'een kan mul'isu.Tuqaan inni guddaan kan inni argamu giddu galeessa garee irratti dha.

B. A. Briggs kitaaba isaa irratti, *General Introduction to the Study of Holy Scripture* (1899)) tarreefama dubbii dachaa Ibirootaa sadarkawwaan itti fufan guddiseera:
   1. Fakkeenyummaa – gaaleen inni tokkooffaan akkuma jiruttii fi inni lammaffaan kan fakiduu, Far.42:1; 103:3

2. kan ittin ol bahan kan fakkaatu – gaaleewwan dhugaa kan ibsan bifa oljedhaa deemuuni dha, Far.19:7-14; 29:1-2, 103:20-22.
3. Gara keessatti kan dachaafame – gaalewwan duraa duubaan, yeroo hundumaa afur kan ta'e, caasefama keessaa gaalichaan 1 hanga 4 fi 2 hanga 3 wajjin kan walitti dhufu, Far.30:8-10A

C. G. B. Gray in his book, *The Forms of Hebrew Poetry* (1915) yaad-rimee wal madaalaawwaa gaaleewwani guddiseera:
1. Baay'ee wal madaalaa kan ta'e– tokkoon tokkoon isaa gaalee tokkooffaa irratti jecha maleen gaalee lammaffaa irratti irra deebi'eera yookaan wal madaaleera – Far.83: 14 fi Isa, 1:3
2. Madalaawaa hin guutamne kan ta'e, gaaleewwan dheerina wal fakkaataa osoo hin qabaatin, Far.59:16; 75:6

D. Har'a guddachaa kan dhufee caafeefamni barreefamaa Ibirootaa gareen haala beekamtii kennuutu jira,qaxaamura jedhame kan waamamu, innis galima wal cinaa lakkofsa hir'uun kan waamamu, boca fuulee cirachaa kan fakkaate, galima giddu galeessaaf cimina kan kennu.

E. Dubbii dachaa hundumaa irratti kan argamu gosa garee sagalee, ta'us garuu yeroo hundumaa dubbii dachaa bahaa irratti kan argamu
1. Qubeewwan irratti kan taphatu (hiphoo jechaa, Faarfannaa 9; 34; 37; 119; Fakk. 31:10, Far.Ermi. 1-4)
2. Dubbifamaa irratti kan taphatu (jecha irra deebiin dubbifamaa irratti , Far.6:8; 27:7; 122:6; Isa. 1:18-26)
3. Dubbachiiftuu irratti kan taphatu (jecha irra deebiin dubbachiiftu irratti, Uma. 49:17, Bau. 14:14, Hiz. 27:27)
4. Sagalee walfakkaataa jecha qabaniin kan taphatu , hiikawwan adda addaan (tapha jechaa nama kolfisiisan)
5. Yeroo jedhamanitti akka dubichaatti gosa maqaa kan ta'an tapha jechaa (waraabduu sagalee)
6. Bantuu fi cuftuu addaa kan ta'e (kan of keessatti qabatu)

F. Dubbiiwwan dachaa gosa heedduun Kakuu Moofaa irratti argamu. Tokko tokkoo mata-duree-firaati:
1. Faaruwwan eebbaa – Lak. 21:17-18
2. Faaruwwan hojii – (Ab. Fir. 9:27 irratti eerameera, ta'us garuu hin galmeefamne( Isa. 16:10, Erm. 25:30; 48:33
3. Baalad (Faaruwwan gootaa dheera) –Lak. 21:27-30; Isa. 23:16
4. Faaruwwan dhugaati – alta'aan; Isa. 5:11-13; Amos. 6:4-7 fi bifa sirriin Isa. 22:13
5. Walalloowwan jaalalaa – weedduu weedootaa, hiphoo cidhaa– Abo. Fir. 14:10-18, Faaruwwan cidhaa – Far.45
6. Faaruu bo'iichaa/mararoo – (2Sam. 1:17 fi 2Sen. 35:25; 2Sam. 3:33; Far.27; 28; Erm. 9:17-22; Faaruu, Hiz. 19:1-14; 26:17-18; Nah. 3:15-19) irratti eerameera, ta'us garuu hin galmeefamne
7. Faaruuwwan lolaa – Uma. 4:23-24; Bau. 15:1-18; 20; Lak. 10:35-36; 21:14-15; Iya. 10:13, Abo. 5:1-31, 11:34; 1Sam. 18:6; 2Sam. 1:18; Isa. 47:1-15; 37:21
8. Geggeessaa fi adda kan ta'ee eebba – Uumama 49; Lak. 6:24- 26; Kes.deb 32 ; 2Sam. 23:1-7
9. Barreefamawwan moortuu –biyya lafaatti Lak. 24:3-9
10. Walalowwaan qulqulluu – faaruuwwan
11. Walaloowwan hiphoo – Far. 9, 34; 37; 119; Fak. 3:10 fi Faaruu 1-4
12. Abaarsa – Lak. 2:22-30
13. Walaloowwan muda-qabeessa – Isa. 14:1-22; 47:1; -15; Isa. 10:12-13. 2Sam. 1:18

## IV. DUBBII DACHAA IBROOTAA HIIKUUF QAJEELFAMA

A. Kan irra keessaa yookaan dhugaa gidu-galeessaa kutichaa barbaadi (kunis keeyata hololichaa kan fakkaatuu dha.) NRSV kan jalqabaa hiika ammayyaati dubbii dachaa kan gubaa irraan addaan baasuun. Hiikoonni ammayyaa qabiyyee gargaaruun wal dorgomsiisi.

B. Qooqaa fakiduu irrattii fi holooloodhaan ibsi. Og-baruuwwan kana fakkaatan baay’ee gadi fagoo akka ta’ee yaadi, wantootni baay’een dubbiisaadhaan akkka guutamaniif dhiifamaniiru.

C. Walaloowwaan dheeraa dhimma irratti IMPERATIVE qabiyyee barreefamaa wajjin walitti fiduu kee itti amani (yeroo hundumaa guutummaa kitaabichaa ) fi seenaa duubessaa.

D. Kan keessatti qabaman gosa wal-cinaa adda baasuuf yaali, wal fakkaataa yoo ta’an, faallaa, yookaa, wal makaa. Kun baay’ee barbaachiisaa dha. Abootni firdii 4 fi 5 baay’ee kan gargaaran akkamitti seenaa akka ibsan ilaaluudhaaf. Abootni Firdii 4 hololoo yoo ta’u Abootni Firdii 5 dubbii dachaati, tibba wal fakkaataa (dabalataaniis Keessa deebii 14 fi 15 wal bira qabi).

# SEENSA MACAAFA FAARFANNAA

**Baay'een waan kanaa kan inni dhufee R.K irraa seensa* Kakuu Moofaa *fuula 976-1003 fi Laasor, fi Ubaard fi Buush,* Kakuu Moofaa, *fuula 510-532 irratti dha.*

I. MAQAA KITAABICHAA

A. Mata duree Ibiruun "faarfannaa galataa" yookaan "galata" dha (*Tehillim,* (Teehilim)Far.145). Kun ajaa'ibsiisaadha, sababni isaa faaruuwwan baay'een wawwaanaa yookaan hadhaawaa waan ta'aaniif.

B. Septuwajentiin (LXX) *psalmos* mata-dureen jedhu hiikni isaa "harkisuu" dha. Jechi Girikii kun faarfannaa keessatti faayiida irra ooleera, Luq. 20:42; 24:44 fi HoE. 1:20 irratti. faaruun hundumtuu meeshaa muziqaan ajabamanii faarfatamu jechuu miti , ta'us garuu kun kan guutumaa kitaabaa LXX mata-duree ta'eera.

II. SAFARTUMMAAN ISAA

A. Faarfannaan safartuu Ibirootaa ramaddii kutaa isa sadaffaati, "Barreefamawwan" jedhamanii kan waamaman (kethubhim, Hagiographa). Kun kan ramaddii safartuu Ibirootaan kan hundeefame:
   1. Ogummaa og-barruu
      a. Iyoob
      b. Faarfannaa
      c. Fakkeenya
   2. Kitaaba kabaja ayyaanaa (*Megilloth*)
      a. Ruut
      b. Lalaba
      c. Weeduu weedootaa
      d. Faaruu Ermiyaas
      e. Asteer
   3. Kitaaba seenaa
      a. Daani'eel
      b. Iziraa
      c. Nahimiyaa
      d. Seenaa baraa

B. Faarfannaan Kakuu Haaraatti irra deddeebiidhaan eerama, kan biroo kitaaboota Kakuu Moofaa caala.

III. SHAARBEE

A. Gosni barreefamaa akkasi baha dhi'oo duriin kan baratame dha. Faaruuwwan kitaaba qulqulluu bifa galataa Babiloon, Gibxii, fi Kana'aan irraa qoodatu. Ayyootni walitti dhufeenya dhi'aate ilaalaniiru:
   1. Faarfannaa 104:20-30 fi Faarfannaa warra Gibxiitiin *Aton* (jaarraa 14[ffaa] Q. L. K. )gidduu
   2. Faarfannaan 29 guutuu guutuutti osoo hin taane walaloo Ugaritikii irraa *Ba'al* wajjin lakkuu dha, maqaa waaqa tolfamichaa irraa kan hafe.

B. Barreefamni mataa Shaamiraa magaalaa Ugarit irraa arganoon hambaa durii walaloo warra Kana'aaniin faarfannaa gidduu wal-fakkaachuu jiru argisiisu. Argannichi boca faarfatichaati jecha hubachuu fi gargaareera (*The Anchor Bible*, jildii 3, Mitchell bareeffame ilaali).

C. Bifi barreefama isaa sharbee Isiraa'eel durii ture:
   1. Faarfannaa Musee , Bau . 15:1-17
   2. Faarfannaa Maarihaam Bau. 15:21

3. Faarfannaa Israa'el  Lak. 21:17-18
4. Faarfannaa Diboora Abo. 5
5. Faarfannaa Haanna 1Sam. 2:1-10
6. Faarfannaa maseenqoo  kitaaba Yasheer irraa; 2Sam. 1:17-27

D. Bifawwan Qajeelfamaa sadan
1. Faarfannawwan galataa – xiyyaafannoodhaan amala jalqabuu kan qaban, akka "Waaqayyoon galateeffadhaa," "Gooftaadhaaf faarfadhaa," kan kana fakkaatan jira
2. Faarfannaa gaddaa – waamannaa amala jalqabu kan qaban  kan akka "gooftaa koo," kan jiru hadhaa'ummaa yookaan gadisiisu duukaa buuse
3. Faarfannaa ogummaa – ramaddii ogummaa og-barruu wajjin wal fakkaataa kan ta'an (jechuun akkamitti gammachuudhaan , fiixaan ba'umsaan, jireenya gaariidhaan jiraachuun akka danda'amu)

IV. BARREESSICHA

A. Baay'een faarfannaa barreessumaan aadaa kan kennameef mata-duree isaa irratti yookaan ibsa isaa irratti, innis Faarfannaa sodomii afur irraa kan hafee hundumaa irratti argama.  Mata-duree kana ilaaluudhaaf karaa lamatu jira:
1. Isaan kutaa barreefama Ibiroota Masooratikiiti, akkasumas septuwajentii keessatti argama (ammam illee yeroo hundumaa yoo adda adda ta'anis), kanaaf, safartuu dha. Ta'us, kitaaba maramaa garba du'aa irratti kan argaman faarfannaawwan mata-dureen kunii fi ibsawwan hin qaban.
2. Isaan isa guddaa hin turre, barreesitootni yaada hafuuraatiin liqimfaman akkasumas ilaalamuu kan qabu haala aadaa duriitiin, dhugaa hafuuraan liqimfamuutiin osoo hin taane. Yoo xinnaate lammanu kan biroo irra safartuu barreefamaa ta'aani wajjin kan wali hin galle fakkaatu:
   a. Faarfannaa 34 mata-duree yookaan 1Sam. 21:10 (maqaa mooticha Filisxeemiin)
   b. Faarfannaa 56 mata-duree yookaan 1Sam. 21:10 (Daawiti akkamitti Geetitti akka argame)
   c. Ibsi Faarfannaa 60 kan isaan argisiisan 2Sam. 8:13 fi 1Sen. 18:12 wal bira dorgomsiisuuf rakkoo jiru argisiisa, lakkoofsa diina isaati ajjeefaman kan ilaalatu.
3. Rakkoo biraa kan ta'u waliingi Ibirootaa "kan" karaa heedduudhaan hubachuu danda'uu isaati:
   a. "Eenyuun akka barreefame"
   b. "Eenyuuf akka barreefame"
   c. "Garamitti akka barreefame"
   d. "Bara sanatti kan ta'e"
   e. "Geggesummaa sana jala kan ta'e"
4. Akkan yaadutti yaada hafuuraatin kan liqimfame natti hin fakkaatu. Tareefama kana irratti yaada hin kennu.

B. Mata-duree barreefama Masoraatikii Ibirootaa waamicha barreesitootaa:
1. Daawit, (1Samuu'eel 16:16-18), (MT) barreessaa faarfannaa 73, (LXX) barreessaa faarfannaa 84 (Biilget) barreessaa faarfannaa 53
2. Maqaan isaanii kan hin beekamne – Faarfanaa 50:1;2;10; 33; 43, 71, 91, 93-97, 104-107, 118-119, 135, 137, 146-150
3. Asaaf geggeessaa faarfatoota Daawit (1Sen. 15:16-17; 16:5, "Ijoollee Asaaf" eeramaniiru Nahimiyaa 7:44 irratti) Faarfannaa 12: 50, 73-83
4. Faarfannaa ijoollee Qoore , maatii farfaatoota Leewwi (1Sen. 9:19, 15:17) Faarfannaa 11:42-49, 43 irraa kan hafe 84-88. 86 irraa kan hafe
5. Jiduutuun, geggeessaa faarfatoota Leewotaa, (1Sen. 16:41-42; 25:1-3; 2Sen. 5:12) faarfannaa sadan: 39; 62, 77,
6. Solomoon, Faarfanawwan lama: 72;  127; "eenyuun akka barreefame" . "Eenyuuf akka barreefame", "garamitti akka barreefame" "eenyuuf kan ta'an," "yeroo kanatti" yookaan "kallatti kanaan"
7. Musee, 1Samuu'eel : 90

8. Izirahiit (1Sen. 6:33; 15:17)
    a. Itaan Faarfannaa 89 (warri tokko tokkoo Abirahamiin akka ta'eetti yaadu)1Sen. 15:17, `19
    b. Heemaan, 88 (akkasumas ijoollee qoree) 1Mot. 4:31; 1Sen. 4:31; 15:19

C. Aadaa barreesumaa, barreefama Yihudootaa irraa
    1. Baabaa Baatiraa (Baba Bathra)144b (Taalmuud) – "Kitaaba faarfannaa kan barreessee Daawiit, gargaarsa jaarsoolli kudhaniitiin, gargaarsa Addaamiin, isa dursuun, fi Melke-Stedeqi fi Abirahamii fi Musee fi Heemaanii fi Jedutuun fi Asaaf fi ijoollee Qoree sadan"
    2. Sahindiriin (Sandhedrin)38b (Taalmuud) Faarfannaa 139 Addaamiif laatu akkasumas Faarfannaa 110 Melke-Stedeqiif

D. Septuwaajentiin faarfanawwan Ermiyaasii , Hisqeel, Hagee, Zakkaariyaasi laatu (112; 126; 127; 137; 146-149).

V. YEROO

A. Yeroon faarfannaa sababa heedduudhaan rakkisaa ture:
    1. Tokkoon tokkoon faarfannaa tibbaa addaa qaba, akka barreefamaniif sababa kan ta'an
    2. Tuqaa tokko tokkoon jechi faarfannaa isa tokkoo amantii hawaasichaa ta'era
    3. Faarfanaawwan kan isaan walitti qabaman adeemsa Editoriyaliitiin gara kitaaba shanii

B. Faarfarfannaawwan walaloo of-keessatti hammateera, bara jireenya Israa'eel hundumaa irraa
    1. Aadaa Yihudootaa kan jedhu
        a. Faarfannaa Addam 139 barreesse
        b. Faarfannaa Melke-Stediq 110 barreesse
        c. Faarfannaa Abirahiim 89 barreesse
        d. Faarfannaa Musee 90 barreesse
    2. Barsiisi ammayyaa faarfannaa bakka yeroo gurguddaa sadiitti qooda:
        a. Bittaa dura (Kitaaba, I, II, fi IV)
        b. Bittaa (Kitaaba III)
        c. Bittaa booda (kitaaba V)

C. Faarfannaa heedduun Daawitiif laatamuun isaanii ifaa dha:
    1. Daawit qindeessaa meeshaa muuziqaa taphataadhaa fi Faarfataa ture, 1Sam. 16:16-18
    2. Innis garee muuziqaa Leewootaa yookaan Faarfanoota mana qulqullumma kakkaasee qindeessa ture 1Qor. 15:1-16: 43, 25:1-31; 2Sen 29:25-30
    3. Kan dursan kitaabni faarfannaa lammanuu isaaf kennamaniiru, Faarfannaa 72:20
    4. Faarfannaan isaa hundumaan kitaaba faarfannaa shananuu irratti argama

VI. CAASEFFAMA FAARFATICHAA

A. Ergaa walii gala kan ta'e yookaan garee hin qabu. Kan jedhuu :
    1. Seensa walii galaa (amala nama tolaa) – faarfannaa 1
    2. Tokkoon tokkoon ramaddiin kitaaba shananii kan isaan xumuran galataa fi ol ol qabuudhaan, 41:13; 72:18-19; 89:52; 106:48
    3. Cuftuun walii galaa (ol ol qabuu) – Faarfannaa 150

B. Amala kitaaboota shananii
    1. Kitaaba 1 – Faarfannaa 4-41
        a. Kan arfan irraa hafee hundumtuu Daawitiif kenneme 1; 2; 10; 33)
        b. YHWH n hundumaa akka bittuu maqaa Waaqummaa YHWH – 273, Eeloohiim – 15
        c. Seenaan Yoomessaa ta'uu kan qabuu Daawiit Saa'ooli wajjin yeroo wal itti bu'iinsa irra tureetti
    2. Kitaaba 2 -Faarfannaa 42-72 (72:20 Artaa'iin argiisa)

a. 42-49 ijoollee Qoreetii fi (43 irraa kan hafe)
b. *Eelohiim* hundumaa kan bituu fi maqaa Waaqayyootti ; *Eeloohim* - 164 Yaahiwwreedhaaf - 30
c. Seenaan yoomessaa ta'uu kan qabu Daawit mootii akka ta'e dha

3. Kitaaba 3 -Faarfannaa 73-89
   a. Faarfannaa 73-83, Asaaf
   b. Faarfannaa 84-88; kan ijoollee Qoree (86 irraa kan hafee)
   c. Faarfannaan 26 Daawiitiif kennameera
   d. YHWH n akka maqaa waamicha Waaqayyootti yeroo 44; *Eelohiim* yeroo 43
   e. Seenaan yoomessa isaa ta'uu kan qabu yeroo jeequmsaa sooriyaatti
4. Kitaaba 4 - Faarfannaa 90-106
   a. Faarfanna 101, 103 Daawitiif
   b. Faarfannaa 90 Museedhaa f
   c. Kan hafan hundumtuu maqaan isaanii kan hin beekamnee
   d. YHWH n yeroo 104 faayiida irra ooleera, Heelohiim yeroo 7
   e. Seenaan yoomessa isaa ta'uu kan danda'u yeroo jeequmsa Baabiloonitti
5. Kitaaba 5- Faarfannaa 107-150
   a. Faarfannaan 119 rarraastuu itti fufee dha, sagalee Waaqayyootiin
   b. YHWH n yeroo 236 faayidaa irra ooleer, Eloohiim yeroo 7
   c. Faarfannaa 146-150Faarfannaawaan galataati, hundumtuu "haaleeluyyaa (Waaqayyoon galatefadhaa)" jechuun kan jalqaban
   d. Seenaan jalqabaa isaa ta'uu kan qabu eebba Waaqayyoo gara fula duraa irratti abdii godhachuu dha

C. Faarfannwaan lakkofsa itti laachuun garaagara
   1. Aadaa Yihuudotaa
      a. Berachoth 9b-Faarfannaa 1 fi 2akka 1 tti lakkaa'amera
      b. Shabbath 16-walumaagala lakkoofsi Faarfannaawanii 147 ture, bara umurii Yaaqoobii wajjin akka walsimu
   2. Hiika Yihuudotaa
      a. Faarfannaa 9 fi 10 walii wajjin ta'ee Faarfannaa rara'aa tokko hojjetu
      b. Farfannaan 114 fi 115 waliiwajjin ta'ee, lamaanuu kan Halaal (Hallel) Faarfannaa ta'u
      c. Farfannaan 116 fi 147 tokkoon tokkon isaanii lamatti qoodamu
   3. Lakkoofsi Faarfannaa wajjin deemuu kan danda'u kan marsaawaggaa dubbifama qulqulluu sagalee isaawajjin Makuraabii durii irraa

D. Faarfannaawan ramaduuf karaan fakkeenya ta'u:
   1. Qabatama ykn mataduree dhaan
      a. Faarfannaa galataa
         (1) Waaqayyoo dhaaf akka uumaatti, 8,19,104 139, 148
         (2) Waaqayyoo dhaaf walumaagala, 33, 103, 113, 117, 134, 136, 145-147
      b. Faarfannawwan galata ittiin dhi'eessan, 9-10;11 16, 30, 32, 34, 92, 116, 138
      c. Himata/faarfannaa boo'ichaa/hiyyanaa
         (1) Kan walitti qabate, 12; 14; 44; 53; 58;60; 74;79;80,83,85,89,90,94,106; 123; 126; 137
         (2) Kan adda ba'e, 3-7; 3; 17; 22; 25-28; 31; 35; 38-43; 69-71; 86; 88; 102; 109; 120; 130; 139-143
      d. Faarfannaa muudamaa
         (1) Waaqayyo mooti, 47; 93; 96-99
         (2) Mootii Israa'el yookan Masihii; 2; 18; 20; 21; 45; 72, 89; 101;110
      e. Faarfannaa Xiyoon, 46; 48; 76; 84; 87; 122
      f. Faarfannaa Seerata qulqulluu
         (1) Haarefamuu kakuu; 50; 81
         (2) Eebba Lubootaa; 134
         (3) Waa'ee mana qulqullummaa, 15; 24; 68

g. Faarfannaawwan ogummaa, 36; 37; 49; 73; 111; 112; 127; 128; 133
h. Amanamummaa Yaahiween amma faarfannaa amantii; 11; 16; 23; 62; 63; 91; 121; 131
i. Waaqa tolfamaa sobaa fi waqoolli tolfamoo yakkuu; 82; 115

2. Barreessaadhaan yookaan dubbataadhaan
   a. Faarfannaa Daawit, baay'een isaa Yaahiwee fayyadamuudhaan, akka maqaa hafuuraatti, Faarfannaa 1-41
   b. Faarfannaa Daawit baay'inaan *Eelohim* akka maqaa hafuuraatti fayyadamuudhaan, Faarfannaa 51-72
   c. Taphatoota meeshaa muuziqaa warra Lewootaa faarfannaa faarfattoota
      (1) Qoree fi ijoollee Qoree; Faarfannaa 42-49; 84-88
      (2) Asaafi fi ijoollee Asaaf; Faarfannaa 73-83
   d. Faarfannaa warra galateefatanii; Faarfannaa 111-119; 140-150
   e. Warra waaqefannaa adeemsisan: gara Yerusaaleemitti guyyaa ayyaanaa faarfannaa waaqefannaadhaaf dhufan; Faarfannaa 120-134
3. Tibbawwan seenaa keessatti, seenaa Israa'eel keesatti , labsii isaan yookaan qabiyyee isaa irratti hundaa'uun, Faarfannaa 14; 44; 46-48; 53; 66; 68; 74; 76; 79; 80; 83; 85; 87; 108; 122; 124-126; fi 129

E. Faarfannawwan walitti dhufan
   1. Faarfannaan 14 fi 53 gosa tokko, maqaa Waaqayyoo irraa kan hafe
      a. Faarfannaan 14 YHWH qaba
      b. Faarfannaan 104 *Eelohim* qaba
   2. Faarfannaan 103 fi 104 wal qabateera:
      a. Bantuu fi cuftuu wal fakkaataa
      b. Faarfannaa 103 YHWH qaba, akka fayyisaa fi oolchaatti
      c. Faarfannaan 104 *Eelohim* qaba, akka uumaa fi kennaatti (soortuu)
   3. Faarfannaa 32 fi 51lammanuu wal qabachuu kan isaan danda'an cubbuu Daawiit Beershaabee wajjinidha
   4. Faarfannaa 57:7-11 fi 60:5-12 Faarfannaa 108 wajjin wal makeera
   5. Faarfannaa 18 2Saamu'eel 21:1-51 irra deebi'ameera
F. Faarfannawwan 150 Kitaaba 5nin maaliif
   1. Ta'uu kan danda'uu faarfannawwan 150 wal-cina kan isaan ta'an; ramaddii bakka waaqeffannaa 150 irraa, waltajjii seeraa dubbifama guyyaa sanbataa wajjin
   2. Kitaabooni shanan wal-cina ta'uu kan isaan danda'an kitaaba Musee shanan wajjinii dha

## VII. Jecha muuziqaa faarfannaadhaan

A. Jechoonni muuziqaa labsii isanii irraa Faarfannawwan gosa adda addaa ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan
   1. *MIZMOR* Mizmoor jechuun "ribbuu rukkutuu" (ribbuu maseenqoo harkisuu fi gadi dhiisu) jechuu dha. Isaan faarfannawwan kun kan isaan faarfatamanii fi meeshaa muziqaan kan ajabaman turan. Isaan kunnis gosa 57 dha.
   2. *SHIR* Shir kan inni argisiisu faarfannawwan gosa hundumaati. Isaanis gosa 30 dha.
   3. *MASCHIL* yookaan *MASKIL* kan isaan ibsan faarfannawwan ogummaa addaa yookaan faarfannaa barsiisanii dha. isaanis 30 jiru.
   4. *MITCHTAM* yookaan *MITKHTAM* – hiikni jecha kanaa hin mirkaneefamne. Ta'uu kan danda'an keessaa
      a. Kan Hidda Ibirootaa, innis kan inni ta'u "warqee kan uffate" yookan "kan kabajame"
      b. Hidda Akadiyaa irraa, innis kan inni ta'u "kan dhokfame" yookaan "mul'ataa kan hin taane"
      c. Hidda Arabiffaa irraa, innis kan inni ta'u "aarsaa cubbuuf godhamu" yookaan "dhiifama jechuu dha" kan akkasii 6 jiru.

5. *PALAL* jechuun kadhannaa dha. Innis faarfannaa Daawit ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolee dha; kitaaba I fi II (Faarfannaa 72:20). Innis dabalataan Faarfannaa 17; 86;90; 102, 142 labsiwwan irratti argama, akkasumas 122.

B. Jecha muuziqaa faarfannaa waa'ee taphachuu yookaan waa'ee faarfachuu kan ibsan
   1. *SHELAH* yeroo 71 faarfannawwan 39 irratti fi Inbaqoom 3:3; 9; 13 irratti faayidaa irra ooleera. Hiikni isaa hin mirkanoofne. Yaad-rimmeewwan baay'een jiru:
      a. LXX "giddii kan galu" yaada hafuuraan liqimfamuuf yookaan haala baacoon
      b. Hidda Ibirootaa irraa "ol-qabuu;" kanaaf, kan kaasuu yookaan muziqaa ol-jedhaa ta'e
      c. Barsisoonni kan isaan jedhan, inni akka "ameen;" kan jabeessuu dha, hiikini isaas "bara baraan"
   2. *SHIGGAION* yookaan *SHIGIONOTH* faayidaa irra kan inni oole faarfannaa 7 fi Inbaqoom 3 irratti. Innis wawaannaa yookaan faarfannaa bo'ichaati, gadda kan ibsu. Innis ol jedhaa kan ta'ee bifa dubbii dachaa ta'ee qaba.
   3. *NEGINOTH* faayidaa irra kan inni oole yeroo 6 dha, faarfannaa fi Inbaaqoom 3:19 irratti/ hiiki isaas "meeshaallee muuziqaa rukkutamani" dha.
   4. *SHEMINTH* faayidaa irra kan inni oole yeroo lamadha. Hiikni isaas "dhandhama muziqaatiin" yookaan "simontoo" dhaan. Innis kan *ALAMOTH* faallaadha, kanaaf sagalee dhiiraaf ta'u danda'a (1Sen. 15:21).
   5. *ALAMOTH* yeroo 4 faayidaa irra ooleera. Innis sagalee dubartii qal'oo argisiisa (1Sen. 15:20).
   6. *MECHILOTH* yeroo tokkoo dha faayidaa irra kan inni oole. Hiikni isas (meeshaalee muuziqaa hafuuranii"
   7. *GITTITH* yeroo 3 faayidaa irra oolera. Hiikni isaas "kiraaraan" dha.
   8. Waabii baay'eetu jiru, xaamiiwwan adda baafamani mogaafaman, Faarfannaa 9; 22; 45; 53; 56; 57-59, 60; 62; 69; 75; 77; 80; fi 88

## VIII. KAAYYOOFAARFFANNAAWWANII

A. Warri Israa'eel kan isaan amanan jireenyi hundumtuu Waaqayyo wajjin kakuudhaan akka walitti firoomanii dha. Faarfannawwan anmoota irraa gara Waaqayyootti kan gadi dhiifaman' guddaa kan ta'an miirawwan jireenyaati (ajaa'ibsifachuu fi dhi'eenya). Isaaniis kan isaan hojjetan waaqefannaa wali wajjinni irratti, akkasumas kennamuu nama dhuunfaan. Isaanis karaa waaqefannaati seenaa Israa'eelii fi barumsa hafuuraa yaadachuufi dubbiidhaan ibsuuf.

B. Warri Israa'eel kan isaan amanan qaama tokkoo fi tokkoon, waaqa kunuunsuu dha, innis jaalala isaa namoota adda ba'aniif dha. Amantiin iciitii qulqulluu yookaan qajeelfama miti, ta'us garuu kan dhuunfaa fi kan guyyaa guyyaatti malee. Faarfannaan bifa dubbii dachaan Waaqayyo wajjin kan qabnu amantaa nama dhuunfaa ibsuuf gargaara. Amalli inni guddan Kakuu Moofaatti mul'atu kan Waaqayyooti!

C. Faarfannawwan hundumtuu kan isaan jalqaban namoota dhuunfaaf amantii dhuunfummaa ibsuudhaaf, booda irrattis hawaasni amantii kan itti fayyadamu (Faarfannaa 23;139; k.k.f).

D. Kakuu Haaraatti akka fayyadama luqisii faarfannaatti ifaa kan ta'aan isaan mul'atawwani dha, ta'es miira kan tuqan. Isaan waa'ee Waaqayyoo, waa'ee eenyummaa, waa'ee cubbuu, waa'ee abdii, waa'ee Masihii, fi haareeffamuun dhugaa callaqisiisu.

## IX. TUMAAWWAN HIIKAA

A. Yaadni bal'aan faarfannaa hiikuudhaaf kan inni barbaadu
   1. Seenaa yoommeessaatiin (, akkaataa ilaalchaa jechuunis world view)
   2. Sharbee isaaniin
   3. Barresitootni Kakuu Haaraa Faarfannaa (LXX) wangeela Yesus Kristoos mul'isuu fi ibsuun akkamitti akka itti fayyadaman qorachuun
   4. Dhuma irratti, isaan dhugaawwan kana guyyaa guyyaatti jireenya keenyaan akkamitti akka itti fayyadamnu, ta'us garuu faayidaan kun duraa duubni isaa lak. 1, 2, 3! ta'uutu isa irra jira!

B. Warra wal-cina tarreessuu filladheera, wantoota tarreessuudhaan. Kun sharbee isaa kan cabsuu dha, ta’usa garuu ayyoota ammayyaa warra lixaa akka isaan gargaaruu abdiin godhadha, xiyyaafannaa fi qabiyyee barreesaa jalqabaa akka ilaalaniif.

C. Tokkoon tokkoon dubbisaa/hiikaan barreessaa jalqabaa tuqaawwan guddoo barbaaduun irra jiraata, kanaaf ofi isaa/ishee gidduu osoo hin seensiin. Kun kan durii, kitaaba dubbii dachaa irratti nama rakkisa. Warri ammayyaa faarfannaa yeroo hundumaa kan isaan dubbisan akka barruullee ganamaatti, aadaa fi qooqaa mataa isaaniin kallattiidhaan akka barreefameetti. Asittii tooftaan hiikaa faarfannaa tokko waan ta’een waa’ee waan tokkoo akka jedhuu gochuu danda’a!Tokkoon tokkoof hundumaafillee tuqaa inni guddaan jiraachuutu irra jira. Rakkoon isaa, inni irraa dhimmaa ogummaa ta’uu dhiisuu isaaniitiin, dhimma yaada wal qabaataati malee.Isaan walaloowwaan durii eessatti akka isaan ramadnu hundi keenya yaalii gochuutu nurra jiraata, akkasumas dhugaa gahaa/tuqaawwan qabachuu keenya mirkaneeffachuutu nurra jira, akka barreessaa isa jalqabaa yaada hafuuraan liqimfame.

D. Tuqan inni dhummaa tokko, anaaf Kakuu Haaraa sirriin hiikaa Kakuu Moofaati. Faarfannawwan kakuu haraa miti ta’us garuu kakuu Museeti malee! Isaan hiikamuu fi hojii irra ooluun kan isaan irra jiru ibsa Kakuu Haaraatin.

# FAARFANNAA 1

## HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Cubbamaa fi qajeelaan walbiraa qabamanii ilaalamaniiru | Karaa qajeelaa fi dhuma hamminaa | Qajeelaa fi namni cubbamaan xumurii isaannii walbira qabamee ilaalamuu (faarsaa ogummaa) | Gammachuu dhugaa | Karaa lamaan |
| 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1-2 |
| | 1:4-6 | | | 1:3-4a |
| 1:4-6 | | 1:4-6 | 1:4-6 | 1:4b-6 |

### Marsaa barreeffaama sadii (fuula vi ilaali kutaa seensaa)

Yaada barreessaa isa jalqabaa sadarkaa keeyaataan duuka bu'uu

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte Kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.k.f

---

*yaada haafuraan kan liqimfame yoo hin taanes, ramaddiin keeyaticha yaada barreessichaa isa guddaa kan itti fufee jiru hubachuudhaaf furtuu dha. Tokkoon tokkoon hiiki ammayyaa keeyaticha ramadee guduunfaa isaa akka dhi'eessu godhameera. Tokkoo tokkoon keeyataa mata duree giddu galeessa tokkoo, dhugaa yookaan yaada qaba. Tokkoon tokkoon galagalcha mata duree sanaa mataa isaatiin karaa adda ta'een kaa'eera. Barreefamicha yeroo dubbiftu, hiiki inni kami dhimma mata - duree irrattis ta'e ramaddii barreefamaa hubannoo keetii wajjin akka wali galu of gaaffadhu.

Tokkoon tokkoon boqonnaa duraan dursitee kitaaba qulqulluu dubbisuu sirra jira, akkasumas dhimma mata duree adda baasuuf (keeyata isaa). Achi irraas hubannoo kee hiikoota isa haaraa wajjin wal dorgomsiisuutu sirra jiraata. Kitaaba qulqulluu hubachuun kan nu dandeenyu yaadni barreessaa jalqabaa maal akka ta'e waan qabatamaa fi taatee irratti hunda'e (logic) fi akkaataa dhi'eenya isaa yoo hubannee dha. Barreessaa jalqabaa qofa yaada hafuuraatiin kan liqimfame – warri dubbistootni ergicha jijjiruus ta'e fooyessuuf mirga hin qaban. Kan kitaaba qulqulluu dubbiftootni dhugaa yaada hafuuraatiin liqimfame guyyaa hundumaatiif jireenya isaanii hundumaan hoji irra oolchuudhaaf dirqama qabu.

**Yaadannoo : -hundumtuu jecha ogummaatii fi jecha gabaajee guutummaatti maxantuu tokko, lama, fi sadi irratti ibsameera.**

**Yaadannoo:- hunduu jecha ogummaa fi jecha xiyyaafannaa guutuumaatti maxantuu tokko, lama, fi sadii irratti ibsameera.**

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun faarfannaaf seensa wali galaati. Kaayile Yaatis kitaaba isaa dinqisiisaa keessatti faarfannaa lallabuu irraa fuula 115-124, faarfannaan kun kan inni ibsu "mootummaa namaa" ti .

1. Amala isaa
2. Dhiibbaa isaa
3. Amala isaa
4. Carraa isaa

B. Faarfannaan kun kan inni ibsuu barumsa Yihuudii baratamee dha, jireenya kanaan qajeelaan akka eebbifamuu fi cubbuu kan godhee akka adabamu (jechuun, karaawwan laman, Kes. 30:1; 15-20). Namootni wal fakkaatoon jiru, bifa wal fakkaataan kan ibsaman, Erm. 17:5-8.

C. Yesus Faarfannaa 1 akkuma jirutti itti fayyadameera, lallaba gaara irraaf tarreefama yaad-rimee bu'uuraa, Mat. 5-7 irratti.

Akkaataa yaada barreefamaa kanaan isaan jechoonni kun namoota hundumaaf kan jedhaman miti, ta'us garuu saba kakuutiif malee, mul'achuun YHWH namoota beekaniif, ta'us garuu isa fudhachuu dhiisuu warra filatan. Kan inni fakkaatuus, Mat. 7:13-14 dabalataan kan inni hundaa'e wal fakkaataa kana irratti kallatti amantii isa guddaa irratti. Asi gadiitti kan jiru yaadannoon Maatihoos irratti kan jiruu yaada bal'aa koo irratti. wali galli yaada bal'aa www.freebiblecommentary. Org. irratti ilaaluu ni dandeessu.

**Maatihoos 7**

**7:13** lakkoofsi kun kan inni argisiisu (1)Balbalaan seenuu isaa fi isa booda karaa isaa irra adeemu isaatii, yookiis (2)karaa isaa irra adeemuu, innis gara balballichaatti kan geessisu, yookiis (3)innis wal cinna ta'uu Ibirootaatiif fakkeenyaa? Balbalichi duraan dursee kan inni ta'e haqaa fi achi irraas balballichi kan ta'u tokkummaan isaa, kun kan inni argisiisu Waaqa tokkichaa karaa dhuunfaatiin karaa barumsa Yesuusin beekuuf dhufuuf, isa booda jireenya mootummaa haaraa jiraata. Tokko tokkoo isaan dhuga-baatii kana fayyummaa kitaaba qulqulluuf kallatti sadii kennuu danda'au: (1)Ka'umsa amantii fi qalbi jijjirannaa (2)Tooftaa jireenya Kristoosiin fakkaachuu, fi (3)guduunfaa bara dhumaa. Fakkeenyi kun Luqaas 13:23-27 wajjin wal cinaa dha. Mata-duree addaa ilaali: "akkaata fayyadama balbalaa" Kakuu Haaraa 6:6 irratti.

▣ **"Balbala isa dhiphaa"** kan akka kanaa fakkeenyummaan dhugaan shaakala irraa kan beekamu "karaawwaan lamaan" kan jedhuuni dha (Kes. 30:15, 19, Far.1; Fak. 4:10-19; Isa.1:19-20 fi Erm/ 21:8). Yesusis eenyuuf akka dubbate beekuun rakkisaa dha: (1)Ergamootaatti; (2)Farisootatti; yookaan (3)Saba isaatti. Qabiyyeen haala barreefamichaa tokkummaan isaa, lakkoofsichi kan inni wajjin walitti dhufu 5:20 fi 5:48 wajjini dha. Akkas yoo ta'e, egaa kun kan inni argisiisu seerata balbalicha dhorkuu miti, akka seerata warra Farisootaatti, ta'us garuu jaalala tooftaa jireenyaati malee innis Kristoos wajjin walitti dhufeenya jiru irraa kan burqu. Seeratni Kristoos jiru (Mat. 11:29-30), isaan garuu laphee jijjirame irraa kan burqanii dha! lakkoofsa kana fudhannee yaad-rimee Yihudoota hin amaniini wajjin yoo goone (6:7; 32), egaa inni kan walitti dhufu Yesuusiin akka fayyisaatti (balbalaatti) fi gooftaa (karaa) amanuu dha.

Lakkoofsa 13-27 jalqabee duraa fi aantee kan ta'an dhiiphaawwan namoota amantaa wajjin walitti dhufu.

1. Karaa lamaanuuf hojii amantaa raawwachuu (lak. 13-14)
2. Geggeesitoota amantaa gosa lama (lak. 15-23)
3. Jireenya amantaa bu'uurawwan laman (lak. 24-27)

Gaaffichii namoota amantii kamii dha Yesus kan inni eere kan jedhuun miti, ta'us garuu namootni amantaa fedha Waaqayyoo hanga hubatan akkamitti deebii kennan kan jedhuu dha. Tokko tokkoo amantaa akka waan faayidaa ta'uu hin qabneetti madaallii akkasumas barsiisaa namoota irraa argachuuf itti fayyadamu. Innis "anii" fi "amma" akkaatee jireenya irratti kan xiyyaafatuu dha (Isa. 29:13, Qol. 2:16-23). Duuka-buutootni dhugaa jireenya isaanii kan isaan geggeessan akka jecha Yesuusitti, waa'ee ammaatti fi waa'ee isa dhufuu mootummaa Waaqayyoo.

⊡ **"Gara badiisaatti balballii geessuu bal'aa karaan isaas guddaadha ho"** "karaa" ta'uu kan danda'u (1)fakkiduu tooftaa jireenyaa fi (2)waamama waldaa kiristaanaa durii (HoE. 9:2; 19:9; 23; 22:4; 24:14; 22; 18:25-26). Lakkoofsi kun kan inni argisiisu fayyinni murtoo salphaa ta'uu dhiisuu isaati, innis aadaa wajjin kan walqabate kan simu, ta'us garuu jireenya irratti jijjirama bu'uuraa lan qabu, kunnis geggeesitoota Waaqayyoof abbomamuu irraa kan burqu. Karaan inni tokkoo kara badiisaatti geessuu isaa kan argisiisu dhugaan kan argisiisu bu'aa isa dhummaa Waaqayyo irraa jireenya adda ta'e namoota jiraataniti. Isaan yeroo hundumaa kan amantaa fakkaatu (Isa. 29:13, Mat. 7:21-23, Qol. 2:23)!

Gaaleen kun garaagarummaa barreefamaa guddaa qabu. Lakkoofsa jalqabaa irratti kan inni jedhu, "Balbala isa dhiphaadhaan ol seenaa" dha, ta'us garuu walakeessa lammaffaa irratti "balbala" irraa hir'ateera, qubeewan geengoo guddaan barreefama harkaan א*, barreefamani harkaa Laatini tokko tokko , barreefamootni harkaa Vaalget tokko tokko, Diatessaron, fi barreefamni Girikii, Kilimentii fi Iyusibaasiin faayidaa irra kan oolan. Innis kan argamu qubeewwan geengoon א, B, C, L, W, fi Laatini durii tokko tokkoo, Vaalget, Siyarik, fi Kopitiki barreefamaa harkaa irratti. kanaaf gaaffiin isaa, "Inni kan galeen madaaluudhaaf" yookaan "waan akka tasaa ta'eedhaa?" UBS [4] barreefama dheera kenna (jechuun, kan isaa of keessatti qabachuu) kan sadarkaa "B", (guutuu guutuutti ta'uu yoo baate dhugumatti". Ta'us, inni kessatti qabamu yookaan qabamuu dhiisuu hiika barreefamichaa hin jijjiru. Kunis baayinaan garaagarummaa Kakuu Haaraa irratti dhugaa dha, amma kan jiran 5300 Kakuu Haaraa Girikii! Bruce Metzger, *A Textual Commentary on the Greek New Testament,* fuula. 19 ilaali.

**7:14** "Salphaatti –amanaa ta'uu" yeroon kun madaallii barbaachiisaa dha! kana jechuun kiristaanummaan yaalii namootaa irratti hirkata jechuu miti, ta'us garuu jireenyi amantii hari'atamaan kan guutee dha jechuudhaaf malee. "Dhiphaa" lakkoofsa kana irratti kan qoodu hundee jechaa wal-fakkaataa dha, akka "rakkina" yookaan "hari'atama" dubbifamoota Kakuu Haaraa kan biroo irratti. Xiyyaafannoon kun kan Mat. 11:29-30 faallaa barbaachiisaa dha. Isaan lakkoofsonni lamman amaalli isaanii akka "Balbalaa: fi "Karaa" fudhatamuu danda'a. Gara Waaqayyootti kan dhufne Yesusiin, akka kennaa bilisaa Waaqayyootti (Rome. 3:24; 5:15-17; 6:23; Efe. 2:8-9), ta'us garuu yeroo tokkoo yoo beekne gatii guddaa kan qabuu dhagaa gati jabeessa, ta'us garuu inni kan nuu taaneef kan qabnu hundumaa gatii kan nutti laanuuf.

"Kan argataniis isaan muraasa" gaaleen jedhu Mat. 7:13 fi Luqaas 13:23-24 wajjin wal bira qabamuutu irra jiraata. Gaaffiin isaa "Baay'een fayyuu caalaa ni baduu?" kan jedhuu dha. Lakkoofsichi kan inni barsiisu garaagarummaa lakkoofsaan barreesuutii?

D. Barsiisonni Faarfannaa 1 fi 2 gara faarfannaa tokkootti waliin maku. Kunnis mirkanaa'uu kan inni danda'u
   1. HoE. 13:33, innis Faarfannaa 2n "Faarfannaa jalqabaa" jedhee kan waamu.
   2. Kan "Tolootaa" akkaata fayyadamaa, Far.1:1 fi 2:12 irratti tooftaa barreeffamaa ta'uu danda'a Inkilusi'o kan jedhamu
   3. Bifa ajaa'ibsiisaan Faarfannaan 1 ta'us Faarfannaan 2 gaalee kan ittiin beeksisan hin qaban, MT irratti

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## Macaafa Faarfannaa: 1:1-3

**[1] Namni akka gorsa warra**
**Jalootaatti hin deddeebine,**
**Karaa cubbamonni irra**
**Adeeman irra kan hin ejjenne,**
**Warra ga'isanii wajjinis tarree**
**Kan hin teenye gammachuu qaba***
**[2]Qooda kanaa isa gammadu**
**Kanatti seerri Waaqayyoo Itti in tola,**
**Inni halkanii fi guyyaa**
**Waa'ee seera Waaqayyoo In yaada*.**

> [3] **Inni akka muka isa bishaa**
> **Yaa'aa qarqara dhaabamee,**
> **Yeroo yeroo isaatti ija kennuu,**
> **Baalli isaa gogee hin harcaanee ti;**
> **Wanti inni hojjetu hundinuus**
> **Wal in qixxaataaf*.**

**1:1-3** Wantootni yeroo isaan bantuu lakkoofsaa kana irratti dabalamaa kan dhufee fakkaata. Gochaamonni Ibirootaa yeroo hin ibsan, akka yaada barreefamicha qofa. Ta'uu kan danda'u

1. Kan lakkoofsa 1 gochamni raawwataman kan isaan ibsan yeroo nu darbee dha (jechuun, namni sun akkamitti akka jiraate)
2. Kan lakkoosfa 2 gochama hin xumuramne kan ibsu kan yeroo ammaati (jechuun, mattayyichi guyyaa guyyaatti karaa inni ittiin jiraatu)
3. Lakkoofsi 3 gochama raawwatame jalqaba Waawuun (fuula iii irratti kan jalqabu barreefama seer-lugaa Ibirootaa ilaali)

**1:1 "Galateefamaa"** jechi jedhu kan baay'eeti,ta'us garuu, harkifata qeenxee dha, "nama." Kunis ibsamuu kan danda'u

1. Kan lakkoofsa baay'ee karaa Ibirootaati, eebba Waaqayyoo hundumaa ibsuudhaaf
2. "Nama" qeenxee baay'ee dha, namoota hundumaa kan eeru, Waaqayyoon kan beekanii fi kan abboomaman (jechuun, Yaaqoob 1:1:2-23).

   Bifa kanaan "muka" jechi jedhu Lak. 3A irratti faayidaa irra kan oole.

Jechi kun ("Galateefamaa," BDB 80) hiiki isaa "Gammadaa" "kan ulfaate," yookaan "kan caroome" jechuu dha (Mat. 5:3-12).

Waaqayyo irra adda namni kam iyyuu "Gammadaa" ta'uu hin danda'u. Kan uumamamnee isaa fi isaanii (Uma. 1:26-27, 3:8). Uumaa keenya wajjin walitti dhufeenyi nutti qabnu jabaa haga hin taaneetti, naannoo hundumaatti jireenyi foonii gammachuu dhugaa isaa nu fiduu hin danda'u! walitti dhufeenyi kunis amala ittiin ilaalamuu danda'u qaba!

▣ Jechoonni sadan *Qal gochama xumuraa* isaa hubadhaa , isaanis amala gochaatii fi gar-tokkootti kan eeran (jechuun, amala tasgabaa'aa).

1. Gorsa hamootaatiin kan hin deemne
2. Karaa cubbamootaa irra kan hin dhaabbanne
3. Teessoo warra ga'isani irra kan hin teenye

"Galateeffamaa" kan amanamee kan itti aanuu faallaan isaa lak. 1fi gocha isaatiin lak. 2 irratti ni ibsama.

▣ **"Gorsa warra jal'ootaatiin kan hin adeemne"** kun kan dubbatu mala jireenyaa isa tokkootti kan hidhatuu dha. mala jireenyaa kana irratti xiyyaafannoon ta'e "deemuu…dhaabbachuu…taa'uu…" fayyadama gocha jedhamuutiin jabaata. Garee keessatti argamnu keessatti dhiibbaan nurra ga'a, ejjennoo wal-fakkaataa keenyaan (1Qor. 15:33).

"Hamaa" jechi jedhu (BDB 957)kan inni argisiisu dammaqoo seera irra daddarbituu qofa kan argisiisu miti (jechuun, warra gochaati fi irra daddarbituwwan) ha ta'u malee akkasumas immoo jireenya isaanitis Waaqayyoon kan dhiisan malee (jechuunis, Waaqa gochaa kan hin qabne).

▣ **"Gooftaa"** kun maqaa kakuuti, Israa'eelii fi hafuura, YHWH .

## MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A. *El* (BDB 42, KB 48)
   1. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa'ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian 'cimaa" ykn "humna qabeessa" jedhanii amananillee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
   2. Waaqni ol'aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana'aan (kitaaba Ras Shamra)
   3. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuuwwan kunniin Waaqayyoon tahiyyeessuuf karaa ni ta'e.

      a. *El* – Elyon (Waaqayyo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14)
      b. *El-Roi* ("Waaqayyo isa ilaalu" ykn "Isa ofii Isaa mul'isuu" BDB fi 909), Uma. 16:13
      c. *El-Shadaai* ("Waaqayyo Gaaraa" BDB 42 fi 994), Uma. 17;1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba'u 6:3)
      d. *El-Olam* (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti'oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16
      e. *El-Berit* ("Waaqayyoo Kakuu" BDB 42 fi 136, Abo. 9:46
   *4. El*
      a. YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
      b. *Elohim*, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, "Ani El dha, Elohim abbaa keetii"
      c. *Shaddai* Uma. 49:25
      d. "inaafaa" Ba'u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
      e. "araara" Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
      f. "guddaa fi sodaatamaa" Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4
      g. "beekumsa" 1Sam. 2:3 keessatti
      h. "da'oo cimaa koo" 2Sam. 22:33 keessaa
      i. "ijaa baasaa koo" 2Sam. 22:33 keessa
      j. "tokkicha quqlulluu" Isa. 5:16 keessaa
      k. "hundaa oli" Isa. 10:21 keessaa
      l. "fayyina koo" isa 12:2 keessaa
      m. "guddaa fi humna qabeessa" Er. 32:18 keessaa
      n. "adabaa sirrii" Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa'uudha.
   5. Walitti hidhamni hundaa ol ol'aanaa ta'e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (*El, Elohim, YHWH,* irra deebi'ame) keessatti ni argama.
B. *Elyon* (BDB 715, KB 832)
   1. Hiikkaan bu'uraa isaa "ol'aanaa" "kan oqubaan dhihaatuuf" ykn "ol ol jedhe" (cf. Uma. 40;17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
   2. Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
      a. *Elohim* – Far. 47-12; 73:11; 107:11
      b. *YHWH* – Uma. 14:22, 2am. 22:14
      c. *El-shaddai* – Far. 91:9
      d. *El*-Num 24:16
      e. *Elah* – yeruma hundaa Daani'eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti "Waaqayyo Hangafa") Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21

   3. Inni yeroo baay'ee warra Isiraa'eloota hin taanee faayidaarra oola
      a. Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
      b. Balaam Lak. 24:16
      c. Muusee, waa'ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
      d. Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta'e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6;35; 8;28; HoE 7:4; 16:17).
C. *Elohim* (DANESSA), *Eloah* (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)
   1. Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
   2. Jechi kun Waaqa Isiraa'el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa'a (cf. Ba'u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)

3. Inni abbootii firdii Isiraa’el eeruu ni danda’a (cf. Ba’u. 2:6; Far. 82:6).
4. Jechi *elohim* dhagnoota hafuuraa kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
5. Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqaa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu’urumaarraayyuu (karaa ti’oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).

   Inni *El* wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (*elohim*) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaatirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta’uu ni danda’a.
6. Hammamiyyuu DANEESSAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay’ee Waaqayyo Isiraa’el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEXAA ni qaba.
7. Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta’utti afaan warra Isiraa’elootaan ala ta’an keessatti ni argama.
   a. Malkesideeq, Uma. 14:18-22
   b. Balaam, Lakk. 24:2
   c. Muusee, yommuu waa’ee sabootaa dubbatu, Ba’u 32:8
8. Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa’el DANEESSA ta’uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa’e jiraachuu baatullee, ti’ooriiwwan kunooti.
   a. Ibraayisxiin DANEESSA yeroo baay’ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee “The plurar of majesty” jedhamu, iddoo itti DANESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.
   b. Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)
   c. Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal’achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda’a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu’aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D. YHWH (BDB 217, KB 394)

1. Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

   Maqaan kun jalqaba *Elohim* wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta’in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul’atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul’ata addaa waa’ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta’e wajjin fincila gamtaa’een ni jalqaba.

2. Uma. 4:26 keessatti “namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban” jedhameera. Haa ta’u malee, Ba’u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba’u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta’u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta’iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti’ooriiwwan danuun

   akka hiika maqaa kanaatti ni ta’u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).
   a. Hidda Arabi tokko irraa “jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu”
   b. Hidda Arabi tokko irraa “qilleensa’uu” YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)
   c. Hidda Ugartic (Kana’aan) irraa “dubbachuu”
   d. Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE “Tokkicha Isa jiraatu” ykn “Tokkicha Isa hundeessu” ta’e
   e. Gosa Qal Ibraayisxii irraa “Tokkicha Isa ta’e” ykn “Tokkicha Isa amma ta’e” (miira egeriitiin,

"Tokkicha Isa ta'u"

f. Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"
g. Hidda Ibraayisxii irraa "jiraachuu" (fak. Uma. 3:20), jechuunis "jiraaaa bara baraa, Tokkciha bara baraaf jiraatu"
h. Qabiyyee dubbisaa Ba'u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTtiin faayidaarra oole, "Wantan ture ta'uuf itti fufuun qaba" ykn "Ani wantan yeruma hunda ture ta'uuf itti fufuun qaba" (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta'uu danda'a ibsame.
   1) Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba'u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)
   2) Yahu ("Yaas" dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)
   3) Yo ("Jo" jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)

1. Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay'ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba'u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana'anii turan ni ta'e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii "abbaa qabeenyaa" "barsiisaa" "abbaa manaa" gooftaa"tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii kitaabota Kakuu Moofaa YHWHtti dhufanitti isana "gooftaa" jedhanii waamu. Kanumaafi YHWH hiikkaa Ingilitirratti LORD kan Afaan Ormootti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.
2. Akkuma *El* wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa'eliif tokko tokkoof ixyyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda'an, kunoo tokko tokko.
   a. *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14
   b. *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba'u 15:26
   c. *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba'u. 17:15
   d. *YHWH* - Meqaddishkem (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba'u 31:13
   e. *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
   f. *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo baay'ee Raajota keessatti
   g. *YHWH – Ro'I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLS), Far. 23:1
   h. *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
   i. *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

▣ **"Karaa cubbamootaa"** "karaa" hundeen jecha jedhuu hiiki isaa "fakkeenya" dha (lak. 6 [yeroo lama]) fi jechi biraan tooftaa jireenyaatiif faayiidaa irra ooleera. Duuka buutuu amanamtootni Kakuu Haaraa jalqaba akka "karichi" namootaan ibsama ture (HoE. 9:2; 19:0, 23; 22:4; 24:14; 22). Kun kan inni argisiisu amantaa kitaaba qulqulluu wali galtee doktiriinii yookaan waaqeffannaa irratti hirmaachuu irra kan caaluu dha, garuu immoo abboomamuu tooftaa jireenyaa fi walitti dhufeenya dhuunfaati male (jechuunis, "deemuu" Efe. 4:1; 17; 5:2; 15).

▣ **"Teessoo warra ga'istuu"** hundumti keenya waa'ee jireenyaa dursa tilmaamaa qabana. "Ga'istoota" (BDB. 539, KB 529, jecha keeyata Booz) kan inni bakka bu'uu amantii kan hin qabne suura abdii kutaachiisaati (jechuun, Isa. 5:19; Erm. 17:15, His. 12:22; 27; Milk. 2:17; 1Xim. 4:1, 2Xim. 3:105 2Phex. 3:3-4 Yihuuda lak. 18).

**1:2 "Ha ta'uu malee seera Waaqayyootti gammada,"** "Seera" jechi jedhuu (BDB 435) hiiki isaa "barsiisuu" dha. Faarfannaa irratti "Seerri isaa" yeroo hundumaa kan inni eeru brumsa Waaqayyoo wali galaati (Faarfannaa 119), barreefama Musee osoo hin taane. seerri isaa amantoota Kakuu Moofaatiif ba'aa hin taane (Far.19:-13), ta'us garuu ibsi YHWH kan dheeratuu qabeenya, nagaa, fayyina, gammachuu, fi irraa hafuu.

## Mata-duree addaa: Jechoota Mul'ata waaqayyoo ibsan (Macaafa See. Kees. Deeb. Fi macaafa Far gargaaramuudhaan)

I. "Seera" BDB 349, "galmee seera qabeessa" Heera yookaan akkaataa seeraa"
   A. Dhira חק - Kes. . 4:1568144045 5:1 6:12425 7:11 11:32 16:12; 17:19 26:17 27:10 Faar. 2:7 50:16 81:4 99:7 105:1045 148:6

B. Dhalaa חקה - Kes. 6:2 8:11 10:13; 11:1 28:1545 30:1016 Faar. 89:31 119:5, 8 12, 16, 23, 26, 33, 48, 54, 64, 68, 71, 80, 83, 112, 124, 135, 145, 155, 171

II. "Seera" BDB 435 "Qajeelfama"
- Kes. 1:5 4:44 17:111819 27:3826 28:5861 29:2129 30:1031:9 Faar. 1:2 19:7 78:10 94:12 105:45 119:118 29, 34, 44, 51, 53, 55, 61, 70, 72, 77, 85, 92, 97, 109 113 ,126, 136, 142, 150, 153, 163, 165, 174

III. "Dhuga baatota" BDB 730 "Seerota waaqa irra kennaman"
A. Kan hedduminaa עדה- Kee. Deeb. 4:45 6:1720 Faar. 25:10 78:56 93:5 99:7 119:22244659 79 95 119 125 138146152167168
B. ות yookiin עדת - Faar. 19:7 78:5, 81:5, 119:2, 14, 31, 36, 88, 99, 111, 129, 144, 157

IV. "Qajeelfama" BDB 824, "itti-gaafatamummaa"
Faar. 19:8, 103:18, 111:7, 119:4, 15, 27, 40, 45, 56, 63, 69, 78, 87, 93, 94, 100, 104, 110, 128, 134, 141, 159, 168, 173

V. "Abboommota" BDB 846
-Kee. Deeb. 4:2, 40; 5:29; 6:1, 2, 17, 25; 8:1, 2, 11; 10:13; 11:13; 15:5; 26:13, 17; 30:11, 16; Faar. 19:8; 119:6, 10, 19, 21, 32, 35, 47, 48, 60, 66, 73, 86, 96, 98, 115, 127, 131, 143, 151, 166, 176

VI. "Murtoowwan/ BDB 1048, "qajeelfamoota" yookaan "Haqa"
- Kee. Deeb. 1:17, 4:1, 5, 8, 14, 45; 7:12; 16:18; 30:16; 33:10, 21; Faar. 10:5; 18:22 19:9; 48:11; 89:30; 97:8; 105:5, 7; 119:7, 13, 20, 30, 39, 43, 52, 62, 75, 84, 102, 106, 120, 137, 149, 156, 160, 164; 147:19; 149:9

VII. "Karaa isaa" BDB 202 qajeelfamni Yaawee saba isaatiif tooftaa jireenyaati Kee. Deeb. 8:6; 10:12;
- 11:22, 28; 19:9; 26:17; 28:9; 30:16; 32:4; Faar. 119:3, 5, 37, 59

VIII. "Sagalee isaa"
A. BDB 202 - Kee. Deeb 4:10, 12, 36; 9:10, 10:4, Faar. 119:9, 16, 17, 25, 28, 42, 43, 49, 57, 65, 74, 81, 89, 101, 105, 107, 114, 130, 139, 147, 160, 161, 169
B. BDB 57
1. "Sagalee" - Kee. Deeb. 17:19; 18:19; 33:9; Faar. 119:11, 67, 103, 162, 170, 172
2. "Abdii" - Faar. 119:38, 41, 50, 58, 76, 82, 116, 133, 140, 148, 154
3. "Abboomii" - Faar. 119:158

▣ **"Halkanii fi guyyaa yaada"** gochamni kun (BDB 211, KB. 237, jecha hin xumuramin) kan eeru "dubbifama Le'oosaas" dha, YHWH n dhugaa inni mu'ise. Warri durii calisuudhaan hin dubbisan turan, kanaaf cal jedhanii dubbisuun ni filatama.

Gochamani kun akkamitti faayidaa irra akka oole hubadhu

1. Barnoota YHWH yaadu – Far.1:2, Iya. 1:8
2. YHWH mataa isaa yaadu – Far.63:7
3. Hojii YHWH yaadachuu – Far.77:13; 143:5
4. Waan nama sodaachisu yaadu – Isa. 33:18

Waa'ee maaliiti kan isin yaadan?

Kan yaada jireenya keenyaa ramaddii sanyii gocha keenyaatti (Fak. 23:7). Lakkoofsi kun xiyyaafannoo kan itti laatu qajeelfama itti fufeenya qabuu dha (jechuun, halkanii fi guyyaa) sammuu keenyaatti fedha Waaqayyoo eegu. Kunis kaayyoo isa guddaa dha, Kes. 6:8-9 irratti fakkeenya kan inni godhate. Lakkoofsoota kana irratti yaadi kennaman as irratti itti dabaleera.

**Keessa deebii 6**

**6:8 "Harka keettii mallattoo godhadhuutti hidhadhu, ija kee gidduutis akka kudhaama siif ha ta'u"** gaaleen kun irra guddaa kan fakkaatu akka gaaleetti faayidaa irra kan ooledha (LXX). Akka haala barreefamichaatti tooftaan jireenyaa carraa barachuuti, sagalee Waaqayyoo. Ta'us, jecha kana

barsiisonni baay’ee akuma jirutti fudhatanii, kudhaama gogaa harka isaanii bitaatti naanneessanii hidhuu jalqabaniiru qabduu xiqqaadhaan (tefilin) irraa isaa keessatti Kaatoora jecha filatamaa kan qabatu. Kudhaama wal fakkaataa ta’es adda isaanii irratti hidhatu. Isaan kun “kudhaamni harkaa” yookaan kudhaamni mataa” (BDB. 377) akkasumas Kes. 11:18 fi Mat. 23:5 irratti eerameera.

**6:9 “Michichila balbala keeti fi karra keeti irratti isa barreessi”** kunis immoo mallattoo fakkeennooti, Waaqayyo jireenya mana keenyaa qofa osoo hin taane jireenya hawaasummaa keenyaa irraas bakka akka qabu kan argisiisu (jechuun, karra, 21:19, 22:15; 24). Akka balbalaatti kan ittiin darban (BDB 265) kan manaa, yeroo hundumaa ni ilaalama akka bakka seexanaatti, Girikii fi biyya Roomaatti addunyaa Yihudootaatti inni kan inni bakka bu’uu argamuu Waaqayyooti (jechuun, bakka dhiigi faasikaa itti godhame, Bau. 12:7; 22:23).

“Karrii keessan” (BDB. 1044) kan inni argisiisu bakka hawaasni itti walitti qabamuu fi bakka haqaati (jechuun, akka karra magaalaa). Isaan kudhaamni xiqqaan kuni fi mallattoon balbalaa yeroo hundumaa (mezuzah) baay’ee kan qindeefamaan dubbifama qulqulluu sagalee isaati qabatu: Kes. 6:4-9; 11:13-21 fi Bau 13:1-10; 11-16.

**1:3 “Akka mukaa”** kana kan ilaalate fakkiduun ajaa’ibsiisaan jira, Erm. 17:5-8 irratti. Hawaasa gammoojjiitiif, muki ija qabeessi fakkeennoo jabinaatti fi badhaadhumaati.

▣ gochamichi (BDB. 1060, KB. 1670, cimee kan dhaabbate,” jecha hojii irra oole keeyata Booz) hiikni isaas “kan dhaabame” (Far.92:14, Erm. 17:8, His. 17:10, 22, 19:10, 13, Hos. 9:13). Kun kan inni argisiisu namni kun, akka namoota kan biroo ka’umsuma irraa ija qabeessa hin ture. Yeroo bilchaachuu, qulqullinaa, fi keessumatti ayyaana Waaqayyo fudhata. Phaawulos dubbi barreefama Kakuu Moofaa fayyadama, kufaati booda kan ta’e ka’umsa hameenya namootaa argisiisuuf (Rom. 3:10-18).

1. Lak. 10-12 – Far.14:1-3; 53:1-4
2. Lak. 13 – Far.5:9; 140:3
3. Lak. 14 – Far.10:7
4. Lak. 15-17 – Isa. 59:7-8
5. Lak. 18 – Far.36:1

Hundumti keenya “kan itti dhaabbanne” dha, hameenya irraa gara eebbaatti!

▣ **“Burqaa bishaanii”** kun kan lakkoofsa baay’eeti, kan inni dubbatus kan babal’atee sarara jal’isiiti.

▣ **“Ija isaa yeroo hundumaa akka kennuu,”** kun fakkiduu kitaaba qulqulluuti, jireenya hafuuraa bilchaate ibsuudhaaf (Mat. 7:15-27). Galma amantii amanamummaa dha! kun fakkeenya wal fakkaataa bara raawwataa yoomessaa qaba, Mul. 22 irratti.

▣ **“Baalli isaas kan hin harcaane”** kun ergaa bara dhumaati (His. 47:12; Mul. 22:2). Fakkiduu qonnaaf baay’ee jaboo turan, qottuudhaa fi horsiisee bulaaf, bakka naannoo lafa ho’aa murtaa’aaf.

**1;3-4 “Hojii isaa hundumaattis in milkaa’aa…jal’oonni garuu akkas miti”** kun ilaalcha Kakuu Moofaati, jechuun eebbi yerootii fi abaarsi kan irratti hundaa’an jireenya hafuuraa isa tokko irratti akka ta’e (Kes. 28 fi 30 .

Ta’us, kun madaalamuutu irra jiraata, jireenya Iyoobi wajjin, Far.37 fi 73; fi akkasumas immoo ibsi Kakuu Haaraa. Kakuun moofaa raawwii kakuu irratti hundaa’ee dha, ha ta’uu malee Kakuu Haaraan ayyaanna irratti kakuu hundaa’ee dha (Erm. 31:31-34, His. 36:22-38, Efe. 2:8-10). Lammanuu kan isaan ta’an duuka buutu gaarii horachuuf, isaanis amala YHWH kan argisiisanii dha.

## Macaafa Faarfannaa:1:4-6

**4 Warri jal’oonni garuu akka kana miti**

**Isaan akka habaqii qilleensi**

**Fuudhee adeemuu ti.**

**5 Egaa warri jal’oonni firdii duratti**

**Hin jabaatan, cubbamoonis walga’ii**

**Qajeelootaa keessa hin dhaabatan.**

**[6]Waaqayyo karaa qajeelootaa**

**Duukaa bu'ee in beeka,**

**Karaan jal'ootaa garuu gara**

**Badiisaatti in geessa.**

Qulqulluu baratamee dha, yeroo gabaabaadhaaf, yeroodhaaf, yookaan akkuma sanaan kan darbu (35:5, 83:13, Iyo. 21:18, Isa. 17:13; 29:5; 40:27; 41:15-16, Ermi. 13:24, Hos. 13:3).

Firdii hamootaa ilaaluudhaaf karaa lamatu jira.

1. Kan yeroo –gammachuu kan hin qabne, badhaadhina kan hin qabne, du'a yeroo malee (Mati. 7)
2. Kan bara dhumaa – argisiisi firdii bara dhumaa, ga'umsa bara baraa tokko bakka argisiisu (Matihos 25; Mul'ata 20)

**1:5 "Dhaabbachuu"** gochamni kun (BDB 763, KB. 840) hiika yoomeessa seera qabeesummaa qaba (Fak. 19:21; Isa. 14:24, Rom. 8:31-38 yaadadhu). Cubbamootni /yakkamtootni

1. Dhimma isaanii dhi'eefachuudhaaf mirga hin qaban
2. Murtii dhadeechaati argamuuf mirga hin qaban
3. Tokko illee kan sirratuuf hin qaban
4. Murtii sirrii ta'een abdii tokko iyyuu hin qaban

▣ **"Firdii"** kun kan inni argisiisu namootni dhuunfaa hojii isaanitti itti gaaffatamtoota akka ta'an , kanaaf guyyaa tokko Waaqayyoof deebii kennu (Mat. 25:31-46, 1Qor. 3:10-15, Mul. 20:11-15). Kakuu Moofaatti dhugaan kun suuta suutaan guddachaa dhufeera (Iyoob 19:25-27, Dan. 12:2).

▣ **"Hamootaa ---cubbamoota"** waamama ibsa baay'ee "kan hin deemne/kan hin dhaabbanne/kan hin teenye" kennameera.

1. Hamoota, lak. 1; 5; 6; (BDB 957)
2. Cubbamoota; lak. 5 (BDB 308)
3. Ga'istoota lak. 1(BDB 539)

Nidoot, jildii. 3; fuula1202, YHWH kan hin beeknee fi kan duukaa hin buune kan ibsan jechoota Ibiroota tarreessa (jechuunis, qulqulluu).

1. Hamaa kan hojjetan – Far.28:3, 92:7, 101:8, 141:9
2. Hamaa kan godhan – Far.26:5; 37:9; Fak. 24:19
3. Namoota hamoo– Far.10:15, Fak. 4:14; 14:19; 24:20
4. Namoota gara jabeeyyii – Iyoob 15:20, 27:13, Isa. 13:11
5. Cubbamoota – Far.1:1; 5; 104:35
6. Warra qoosan – Far.1:1; Fak. 9:7
7. Sobdoota – Far.58:3
8. Irra daddarbitoota – Fak. 2:22; 21:18; Erm. 12:1; Inb. 1:13
9. Diina – Iyoob. 27:7; Far.3:7; 17:9; 55:3

▣ **"Walga'ii tolootaatiin"** gaalee kanaa fi "firdii" gidduu kan jiru wal cina hubadhaa. Isaan gaaleewwan kun eeruun kan isaan irra jiru kan warra dhugaa, duuka buutota amanammoo walitti qabuu dha, sobdootni beekamtii kan ittiin hin arganne yookaan dubbachuu yeroo hin dandeenyeetti.

"Wal gahii" argisiisuu kan inni danda'u

1. Waaqeffannaa tokkummaa (jechuun, Far.22:25; 35:18; 40:9-10)
2. Maqaa maqaa waamicha saba Waaqayyoo (jechuun, Bau. 12:3; 6; 19; 47; 16:1; 2; 9; 10; 22)

# MATA DUREE ADDAA: QAJEELUMMAA

“Qajeelummaa”n mata duree baay’ee murteessa ta’ee fi baratan mcaaa qulqulluus dhuunfaatti gadi fageenyaan qorachuu kan qabudha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyoo “Qajeelaa” yookiin “qulfulluu”jedhamee ibsama (BDB841). Jechi inni Mosopotaamiyaa iyyuu kan inni dhufe, meeshaa ijaarsaa kan ittiin keenyaan manaa qajeelaa ta’uu isaa ilaalu irrati Waaqayyoo jedhichi fakkeenyaan amalli ofii isaatii akka ittiin ibsamuuf fo’ate. Inni golee qajeelaa (geggeessaa) isa wantoonni hundinuu ittiin madaalamanidha. Yaadni kun qajeelummaa waaqayyoo, akkasumas firdii kennuudhaaf aangoo qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Namni akka fakkaattii waaqayyootti uumame (Cf. Uma. 3:15) Ilmaan namaa waaqayyoo wajjiin jiraachuudhaaf umaman. Uumamni hundinuu walitti dhufeenya waaqayyoo fi nama gidduu jiruuf sadarkaadha. Waaqayyoo uumamni isaa inni guddaan (namni), akka isa beeku, isa jaallatu, isa tajaajiluu fi akka isa fakkaatu barbaada! Amanamummaan (abboomamuun ilmaa namaa ni qormama (Cf uma 3) warri jalqabaa sun lamaanis formaaticha ni kufan. Kunis walitti dhufeenyi waaqayyoo fi Ilmaan namaa gidduu jiru akka jeeqamu godhe. (cf. uumama 3; Rom 512-21).

Waaqayyo walitti dhufeenya kana akka deebisuuf akka haaressuu waadaa galee (Cf.Uma 3:15). Inni kanaa kan hojjete fedha ofii isaatiin, karaa Ilma isaati . Namoonni walitti dhufeenya kana haaressuu hin dandeenye (Cf. Rofm. 1:18-3:20)

Kufaaticha booddee, tarkaanfiin jalqabaa Waaqayyo walitti dhufeenyicha haaressuudhaaf fudhatu, yaada kakuu irratti hundaa’ee isa waamicha ofii isaatii irraatti hundaa’ee fi isa ilamaan namaas qalbii jijjiirannaa dhaan, amantiidhaan , akkasumas abboomamuudhaan fudhatniidha. Kufaaticha irraa kan ka’ee , ilmaan namaa gocha sirrii godhuu hin dandeenye (Cf.Rom. 3:21-31; Gaala.3) Waaqayyo ofuma isaatiin, ilmaan namaa warra kakuu diigan deebisuudhaaf itti gaafatamummaa fudhachuutu irra ture. Inni kana kan raawwate:

1. Ilmaan namootaati karaa hojii Kiristoos hojjeteetiin qajeelummaan mul’isuu (kunis qulqulluummaa isa mul’ate)
2. Karaa hojii Kiristoosiin ilmaan namootaatiif qulqullummaa tola kennuu (kunis qulqullummaa kenname)
3. Hafuura isa nama keessa buufatuu fi qajeelummaatti nama geessu ilmaan namaatiif kennuu (kunis Kiristoosiin fakkaachuu, haareffamuu fakkaattii Waaqayyo)

Haata’u malee, Waaqayyo deebii kakkuu barbaada, Waaqayyo tola kenna, ilmaan namaa garuu

1. Qalbii jijjiirrannaadhaan
2. Amantiidhaan
3. Jireenya ofiitiin abbboomamuudhaan, akkasumas
4. Itti jiraachuu dhaan deebii kennuu qabu, kanas walitti fufiinsaan gochuu qabu.

Kanaafuu qajeelummaan, kakuu irratti kan hundaa’ee fi gochaa gar-lamee kan Waaqayyo fi uumama isaa isa gudicha gidduu jirudha.. Amala Waaqayyo, hojii Kiristoos akkasumas Hafuurichi nama dandeessisuu isaa irratti hundaa’uudhaan namni hundinuu dhuunfaa isaatti walitti fufiinsaan deebii sirrii kennuu qaba. Yaadichi “ amantii fiixaan baafachuu” jedhama, yaadichi wangeelota kessati mul’ifameera, garuu jedhoota kanaan miti.

Kun baayinaan kan ibsamee phaawuloosiin yommuu ta’uu, Inni jecha Girikii “ qajeelummaa” jedhu bifa gaaraagaraatiin yeroo 100 ol fayyadameera.

Phaawuloos, barumsa amantiitiin kan leenji’e waan ta’eef jecha dikaiosuni jedhu, hogbarruu Giriikii irraa utuu hin ta’n jdha SDQ jedhu isa haala Hibruutiin macaafa qulqulluu isa afaan Giriikiitiin barreeffameetiin fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jeechichi nama wanta waaqnii fi hawaasni irraa eeguuf abboomamuu agarsiisa. Haala Hibruutii immoo yeroo hundaa jechoota kakuuu mul’isaniin wal hidhee jira. YHWH n Waaqa qajeelummaa, kan seeraa fi kan safuuti. Inni namoonni isaa amala isaa akka calaqqisiisan barbaada. Ilmaan namaa erga fayyina argatanii uumama haaraa ta’uu.Haaraa ta’uun kun immoo akkaaaa jireenyaa haaraa isa Waaqayyon fakkaatuutti nama geessa (xiyyeeffannoo mirkaneeffannoo Kaatoolikii Roomaa). Israa’el seera amantiitiin buliiwaan tarteef safuu uummataa fi fedha waaqayoo gidduu hiramanii if ta’e hin turre. Ibsi kun jedhoota Hibruu fi Giriikii tiin kan bsame yommuu ta’u afaan Ingiligiitti yommuu hiikamuus “ Justice” (haqa) (uummataaf) “ righteousness” (qajeelummaa) immoo (Amantiidhaaf) fayyadama.

Wangeelli yessuus(Misiraachoon) namni inni kufee ture Waaqayyo wajjiin walittidhufeenya isa jalqabaatti deebi’uu isaa dubbata. Kun kan inni raawwatame galaala, Araaraa fi Ayyaana Abbaa; jireenyaa, du’aa, fi du’aa ka’uu ilmaa; akkasumas gara wangeelichaatti nama geessuu Hafuura qulqulluutiini.Fiixaan ba’umsa fayyinaan kennaa Waaqayyo tola kennuudha. Garuu Waaqayyon fakkaachuunis jiraachuu qaba (yaada oogee---- isa yaada

jijjiiiramaa,  tola kennamuu Wangeelaa calaqqisiisuu fi xiyyeeffannoo kaatoolikii Roomaa jireenya jijjiirame isa kun jaalalaa fi amantii qabaachuu irrattti. Warra jijjiirama hordofaniif jechi " Qajeelummaa Qaaqayyoo" jedhu hojii nama isa cubbamaa Waaqayyo duratti kan fudhatame gochuu kan mul'isu yommuu ta'u warra kaatolikiitiif immoo adeemsa  ittiin caalaatti Waaqayyon fakkaatan kan agarsiisuudha.Qulqullummaa guddachaa adeemu.

Qabatamaatti yommuu ilaalamu garuu yaadni kun lamaanuu fudhatam qaba!!

Akkaataa ilaalcha kootiitti Gutummaan Macaafa qulqulluu uumamaa 4 hanga mul'ata 20 tti adeemsa Waaqayyo walitti dhufeenya isa Eden sana deebisuudhaaf adeeme kan agarsiisuudha. Macaafni qulqulluun walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama gidduu jiru haala lafa irratiin ibsuudhaan jalqaba (Cf. uma 1-2) ,  akkasumas haaluma wal fakkaatuuun xumurama (Cf mul 21-22) Fakkaattiinii fi kaayyoon Waaqayyo deebi'ee haareffamuuf jiraa!

Waantoota armaan olitti ibsaman guduunfuudhaaf,  barreeffamoota Kakuu Haaraa keessaa filataman kanneen gare jecha Giriikii mul'isan qalbifadhu.

1. Waaqayyo qajeelaadha. (yeroo baay'ee Waaqayyo Abbaa firdii ta'uu isaatiin wal-qabata)
   a. Rooma 3:26
   b. 2Tasaloniqee 1:5-6
   c. 2 Timootewoos 4:8
2. Yesuus qajeelaadha.
   a. Hojii ergamootaa 3:14;  7:52 ;  22:14 (muudama Masihii)
   b. Maatiwoos 27:19
   c. 1Yohaannis 2:1 29; 3:7
3. Akeekni Waaqayyo uumama isaatiif qabu qajeelummaadha.
   a. Lewwota 19:2
   b. Maatewoos 5:48 (Cf.5:17-20)
4. Karaa waaqayoo ittiin qajelummaa uumuu fi kennuu
   a. Roomee 3:21-31
   b. Roomee 4
   c. Roomee 5:6-11
   d. Galaatiyaa 3:6-14
   e. Waaqayyon kan kenname
      1) Roomee 3:24; 6:23
      2) 1 Qoronxoos 1:30
      3) Efesoon 2:8-9
   f. Amantiidhaan kan fudhatamu
      1) Romee 1:17: 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
      2) 2Qoronxoos 5:21
   g. Karaa hojii ilmatiin
      1) Roomee 5:21
      2) 2Qoronxoos 5:21
      3) Filiiphsiyuus 2:6-11
5. Fedhii Waaqayyo warrii isa duukaa bu'an qulqulloota akka ta'anidha.
   a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
   b. Roomee 2:13; 5:1-5; 6:1-23
   c. 1ximootewoos 6:11
   d. 2ximooteewoos 2:22:3:16
   e. 1Yohaannis 3:7
   f. 1pheexiroos 2:24
6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti faraduuf jira
   a. Hojii ergamootaa 17:31
   b. 2ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyo isa nama cubbamaadhaaf karaa iristoos kennameedha. Qajeelummaan

1. Abboommii Waaqayyoti
2. Kennaa Waaqayyoti
3. Hojii Kiristoosi

Garuu kan bal'inaan fudhatamuu qabu qajeelummaan akkasumas ademsa ittiin Waaqayyon fakkaachutti guddatan ta'uu isaati kunis guyyaa tokko dhufaatii isaa lamma irratti ifa ba'uuf jira. Walitti dhufeenyi Waaqayyo wajjiin jiru yeroo fayyanitti deebi'e namaaf haara'a garuu du'a booddee yookiin parousia ttifuulaa fuulatt walitti dhufuuf jireenya keessatti walitti fufiinsaan guddachaa itti fufa.
Armaan gaditti waraabbii gaarii tokki dhimma kana gudduunfuudhaaf dhiyaateera. Waraabbiin kun kan inni fudhatame, Galmee jedhootaa phaawuloosii fi xalayoota isaatii, IVP irrtti " kalviin, Luutar caalaa, bia walitti dhufeenyaa Qabaachuu qulqulummaa Waaqayyo irratti xiyyeeffata . Ilaalchi luutar qajeelummaa Waaqayyo irratti qabu bifa cubbuu namaa namaaf dhiisuu waan of keessaa qabu fakkaata. Kalviin garummaa walitti dhufeenychaa yookiin qajeelummaan Waaqayyo nuuf ennamuu isaa irratti xiyyeeffata.(fuula 8:34).
Akkakootti walitti dhufeenyii Waaqayyo fi nama gidduu jiru bifa sadii qaba.

1. Wangelichi nama (xiyyeffanno waldaa ishaa bahaa fi kalviin)
2. Wangeelichi dhugaadha(Xiyyeeffannoo Oogastiinii fi Luutar)
3. Wangeelichii jireenya jijjiiramedha (xiyyeeffannoo kaatoolikii)

Kaneen kun hundumtuu dhugaadha, jireenyaa kiristiyaanummaa fyya qabeessa, cimaa fi macaafa qulqulluu irratti hundaa'eefis wal-duukaa ilaalamuu qabu/ Tokko illee yoo keessaa akka malee ol kaafam yookiin gadi buufame, rakkoowwantuu uumamaa.

Nu'i Yesuusiin simachuu qabna!
Nuyi wangeelicha amanuu qabna!
Nuyi Kiristoosiin fakkaachuu duukaa bu'uu qabna!

**1:6 "Waaqayyoo ni beeka"** "Ni beeka" jechi jedhuu hiiki isaa "walitti dhufeenya dhuunfaa walitti dhi'oo" dha (Uma. 4:1, Erm. 1:5).

## Mata duree addaa: beekuu (harka caalu seera keessa deebii akka fakkenyaatti fayyadamuu dha)

Jechi Ibroota "Beekuu" (BDB 393) hiika baayyee qaba *Qal* keessatti (semantic fields).

1 Hamaa fi gaarii hubachuudhaaf- Seera Uumamaa 3:22, Seera keessa deebii 1:39, Isaayaas 7:14-15, Raajii Yoonaas 4:11
2 Hubannaadhaan beekuu- Seera keessa deebi 9:2, 3,6,18:21
3 Muuxannoodhaan beekuu- seera keessa deebi 3:19, 4:35, 8:2, 3, 5,11:2,20:20,31:13,Iyyasuu 23:14
4 Hubachuudhaaf- Seera keessa deebii 4:39,11:2,29:16
5 Dhuunfaatti beekuuf
   a. Dhuunfaa- Seera Uumamaa 29:5, Bau1:8, seera keessa deebii 22:2,33:9
   b. Waaqa- seera keessa deebi 11:28,13:2,6,13, 28:64,29:26,32:17
   c. YHWH -Seera keessa deebii 4:35, 39,7:9,29:6, Isaayas 1:3, 56:10-11
   d. Kan saalaa- seera Uumamaa 4:11 17,25,24:16, 38:26
6 Dandeetti yookaan beekumsa argamu- Isaayaas 29:11,12, Amost 5:16
7 Ogeessa ta'uu- Seera keessa deebii29:4, Fakkeenya 1:2,4:1, Isaayaas 29:24
8 Beekumsa Waaqayyoo
   a. Kan Musee- Seera keessa deebi 34:10
   b. Kan Israa'eel- Seera keessa deebi 31:21,27, 29

▣ **"Karaan warra hamootaa ni baddi."** Gaaffiin barumsa hafuuraa "hin bada" jechuun maal jechuu dha? (BDB 1, KB. 2)

1. Walumaa gala eenyummaa dhabuu (jechuun, haqamuu)
2. Lafa irratti hin xumuramu (jechuun, du'a)

Dhimmi isaa jabaa ta'eera, kan ammayyaatiin mariin gahanam bara baraa. Beektootni lallabdoota wangeelaa tokko tokkoo (jechuun, Jon Sitoot) yeroon murtii akka jiraatu itti yaadu, achi irraas cubbamootaaf jiraachuu hin qabaatan, bakka adaba bara baraa. Rakkoon koo, akkuma sana jecha wal fakkaataa, "kan bara baraa" Mat. 25:46 irratti faayidaa irra kan oole, lamman isaani "adaba" fi "raawwii jireenyaa" ibsuu isaati. Barreessan

yaada hafuuraatiin liqimfame akkamittiin bifa garagaraatiin  lakkoofsa wal fakkaatu tokko irratti fayyadamu akka danda'e natty mul'achuu hin dandeenye.

## MATA DUREE ADDAA: WARRI DU'AN EESSA JIRU?

I. Kakuu Moofaa
   A. Namni hundumtuu si'ool deema (qorannoon madda jecha kanaa ifa miti, BDB 1066).  Kunis karaa ittiin du'a yookiis boolla awwaalaa agarsiisanidha, baay'inaan barreeffamoota ogummaa fi Macaafa Isaayyaas raajichaa keessatti.  Kakuu Moofaa keessatti kun iddoo dukkana, of beekanii garuu, gammachuu malee (cf. Iyyoob 10:21-22; 38:17; Far. 107:10,14) jiraataniiti.
   B. Akka itti *si'ool* ibsamu
      1. Firdii Waaqayyoon wal qabatee (abidal, ba'u 32:22)
      2. Adaba guyyaa firdii dura iyyuu jiruun wal qabata Far. 18:4-5
      3. *Abaddon* (badiisa) iddoo Waaqayyo iyyuu qaqqabu; Iyyoob 26:6; Far. 139:8; Amos 9:2
      4. Boolla guddaa (awwaala) agarsiisu, Far. 16:10; Isa 14:15; Hisq. 31:15-17
      5. Jal'oonni jiraatti si'oolitti darbatamu. Lakk 16:30; Far. 55:15
      6. Yeroo baay'ee akka bineensa afaan guddaa qabuutti fakkeeffama, Lakk. 16:30; Isa. 4:14; 14:9; Ibr. 2:5
      7. Namoota achi keessaa *Repha'im* jedhaman, (Isa 149-11)
II. Kakuu Haaraa
   A.  Jechi Ibraa'isxii "*sheol*" afaan Giriikiitti "Hades (addunyaa hin argamne) jedhamee hiikama.
   B. Akka *Hades* itti ibsamu
      1. Du'a agarsiisa, Mat. 16:18
      2. Du'aan wal qabata, Mul. 1:18; 6:8; 20:13-14
      3. Yeroo baay'ee iddoo adabbii bara baraa agarsiisa (*Gehenna*), Mat. 11:23 (waraabbii Kakuu Haaraa Luq. 10:15; 16:23-24)
      4. Yeroo baay'ee bawwaa gadi fagoo agarsiisa, Luq. 16:23
   C. Hirama qabaachuu danda'a (barsiisota amantii)
      1. Iddoo qajeelotaa jennata jedhamu (maqaa biraa mana Waaqarraa agarsiisu, cf. IIQor. 12:4; Mul. 2:7; Luq. 23:43).
      2. Iddoo jal'oota *Tartarus* jedhamu, IIPhex. 2:4, iddoo itti ergamoonni hamoon hidhaman (cf. Uma. 6; I Enoch)
   *D. Gehenna*
      1. Jecha Kakuu Moofaa "Bowwaa ilmaan Ben-Hiinom" jedhu calaqqisiisa (kibba Yerusaalem).  Kunis iddoo warri foonenshiyaanootaa Waaqa tolfamaa isaanii, *Moleh* (BDB 574), jedhamu aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan itti Waaqeessan ture (cf. II Moot 16:3; 21:6; IIAbboota firdii 28:3; 33:6), kunis isa Lew 18:21; 20:2-5 keessatti dhowame ture.
      2. Ermiyaas iddicha iddoo warra ormoota Waaqa tolfamaa Waaqeffatanii irraa gara iddoo Firdii Waaqayyootti keessatti iddoo sodaatamaa fi firdii bara baraa ta'e.
      3. Yihudoonni bara Yesuus hirmaannaa abboonni isaanii aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan Waaqa tolfamaa Waaqeffachuu keessatti gochaa turaniin wana baay'ee haaraniif nananoo kana iddoo gataa kosii Yerusaalemitti jijjiiranii turan.  Fakkeenyonni Yesuus baay'een adaba bara baraa agarsiisan qabiyyee iddoo kanaa irraa kan dhufanidha (abidda, haara, raammoo, cf. Marq. 9:44,46).  Jecha Gehenna jedhu Yesuus duwwaatu dhimma itti ba'e (Yaa'iqoob 3:6 irraan kan hafe)
      4. Itti fayyadama Yesuus jecha *Gehenna* jedhuuf
         a. Abidda, Mat. 5:2; 18:9; Marq. 9:43
         b. Kun bara baraa, Marq. 9:48 (Mat. 25:46)
         c. Iddoo badiisaa (poonio fi lubbuudhaan), Mat. 10;28
         d. Si'oolii wajjin walfakkeffama, Mat. 5:29-30; 18:9
         e. Jal'oota "Ilma qiliilee" jedhe ibsa, Mat. 23:15
         f. Murtoo seeraatiin adabbii muramu, Mat. 23:33; Luq. 12:5
         g. Yaadni Gehenna jedhu du'a lammaffaa (cf. Mul. 2:11; 20:6, 14) yookiis galaana abiddaa 9 Mat. 13:42, 50; Mul. 19:20, 10, 14-15; 21:8).

Galaanni abiddaa iddoo namoonni bara baraan jiraatan (si'ol irraa ka'uudhaan) fi ergamoonni hamoon jiraatan ta'uu danda'a (Tartarus irraa ka'uudhaan, II Phex. 2:4; Jude, hidha 6 ykn abyss, cf. Luq. 8:31; Mul. 9:11; 20;1,3).

h. Namootaaf utuu hin ta'in seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa'e ture, Mat. 25:41

E. Jechoonni si'ool, Hades fi Gehenna jedhaman wal fakkeenya isaan qaban irraa ka'uudhaan jalqaba namoonni hundumtuu gara si'ool/Hades deeman
   1. Jalqaba namoonni hundumtuu gara *si'ool/Hades* deeman.
   2. Turtiin isaan achitti qabaatan (gaarii/hamaa) guyyaa firdii booddee hammata, garuu iddoon jal'ootaa iddooma wal fakkaataa kana turu (kana irraa ka'uudhaan KJV'n hades (qiliilee) akka *gahennat*ti (bowwaa) hiika.
   3. Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni dhiphina guyyaa firdii dura ta'uu agarsiisu seeanaa Luq. 16:19-31 keessa jiru duwwaadha (Alaazaarii fi namicha sooressa sana). *Si'ool* akka iddoo adabbii har'aattis ibsameera (cf. Keessa Deebii 32:22; Far. 18:1-5). Garuu, seenaa kana irratti hundaa'uudhaan barsiisa amantii lafa kaa'uun hin danda'amu.

III. Turtii du'aa fi ol butamuugidduu jiru
   A. Kakuu Haaraan "lubbuun akka hin duune" hin barsiisu, kun ilaalcha baay'ee waa'ee jireenya booddee irratti dur turan keessaa tokko ture.
      1. Lubbuun namaa foon isaa dura jira
      2. Lubbuun namaa du'a foonii duraa fi baadu bara baraan jiraata.
      3. Yeroo baay'ee foonii akka mana hidhaatti du'is akka wanta gara dhaala dura tureetti deebisuutti ilaalama.
   B. Akka Kakuu Haaraatti hubannaa waa'eedu'aa fi du'aa ka'uugidduutti qaama foonii keessaa ba'uun wal qabate jiru
      1. Yesuus waa'ee adda ba'uu foonii fi lubbuu dubbata. Mat. 10;28
      2. Abarahaam amma qaama qabaachuu danda'a, Maq. 12:26-27; Luq. 16:23
      3. yeroo bifti Yesuus geddarame sanatti Muusee fi Dliyaas qaama qabu turan, Mat. 17
      4. Phaawuloos yeroo dhufaatii Gooftaatti lubbuun Kiristoosiin qabdu jalqaba qaama haaraa akka uffattu dubbata, 1Qor. 15:23, 52
      5. Phaawuloos yeroo du'aa ka'uutti amantoonni akka qaama hafuuraa haaraa argatan ifa godha. 1Qor. 15:23, 52
      6. Phaawuloos akka dubbatutti amantoonni gara *Hades* (si'ool) deemu utuu hin ta'in yeoro du'an Yesuusii wajjin ta'u, IIQor. 5:6, 8; Fi. 1:23. Yesuus du'a mo'eera qajeelotas ofii isaa wajjin gara Waaqaatti ol fudhata, 1Phex. 3:18-22

IV. Waaqa (samii)
   A. Jechi kun Macaafa Quqlulluu keessatti karaa sadii ilaalama
      1. Duumessa lafaa ol jiru, Uma. 1:1, 8; Isa. 42:5; 45:18
      2. Waaqa urjii guute, Uma. 1:14; Keessa Deebii 10;14; Far. 148:4; Ibr. 4:14; 7;26
      3. Iddoo teessoo Waaqayyoo, keessa Deebii 10;14; 1Mot. 8:27; Far. 148:4; Efe. 4:10; Ibr. 9:24 (Waaqa sadaffaa, IIQor. 12:2).
   B. Macaafni Quqlulluun waa'ee jireenya booddee baay'ee hin ibsu, kunis waan anamni cubamaan karaa fi dandeettii itti hubatu hin qabneef ta'uu danda'a (cf. 1Qor. 2:9).
   C. Waaqni iddoodha (cf. Yoh. 14:2-3) akkasumas qaama eenyummaa qabudha (2Qor. 5:6, 8). Waaqni Jeneta haareffamte ta'uu danda'a (Uma. 1:2; Mul. 21-22). Lafti qullooftee haareffamuuf jirti (cf. HoE. 3:21; Rom. 8:21; IIPhex. 3:10). Fakkeenyi Waaqayyoo Kiristoosiin haareffama (Uma. 1:26-27). Amma deebi'anii jennata edenii wajjin tokkummaa qabaachuun danda'ameera.Haa ta'u malee, kun dhugaa utuu hin ta'in fakkeenya ta'uu danda'a (Waaqa akka magaalaa guddoo tokkootti, Mu. 21:9-27). 1Qor. 15 keessatti garaa garummaan qaama foonii fi qaama hafuuraa akka ija biqiltuu bilchaatetti ibsama. Ammas 1Qor. 2:9 (waraabbii Isa. 64:4 fi 65:17 irraa fudhatame) abdii kakuu guddaadha! Yeroo isa agarru akka isaa taanu nan beeka (cf. 1Yoh. 3:2).

V. Maddoota barbaachisoo
   A. William Hendriksen, "The Bible on the Life hereafter"
   B. Maurice Rawlings, "Beyond Deutu's Door."

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. "Karaawwan lamman" gaaleen jedhu maal jechuu dha?
2. Faarfannaa kana irra nama tolaadhaa fi nama hamaa gidduu garagarummaa jiru ibsi.
3. Akkaataa fayyadama gaaleewwani ibsi
   a. Adeemuu …. Karaa
   b. Muka
   c. hawwaara
4. Faarfannichi kan inni barsiisu murtii raawwataati moo yookaan murtii yerooti?
5. Faarfannaan kun Iyoob irraa, yookaan Faarfannaa 37 fi 73 wajjin akkamitti adeema?
6. Faarfannaan kun guutummaa faarfannichaaf akka seensaatti akkamittiin fudhatama?

# FAARFANNAA 2

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Bulchiinsa Waaqayyoon dibame<br>______________<br>seensa MT hin qabu | Mootummaa fi moo'icha Masihiichaa | Gooftaan bulchiinsa waan hunda of keessaa qabu mootichaa kenna (faarsaa mootummaa moo'umsaaf kan qopheeffame) | Mootii Waaqayyoon filame | Agarsiifama kan masihichaa |
| 2:1-3 | 2:1-3 | 2:1-3 | 2:1-3 | 2:1-3 |
| 2:4-6 | 2:4-6 | 2:4-6 | 2:4-6 | 2:4-6 |
| 2:7-9 | 2:7-9 | 2:7-9 | 2:7-9 | 2:7-9 |
| 2:10-12 | 2:10-12 | 2:10-12b | 2:10-12 | 2:10-12 |
| | | 2:12c | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun Kakuu Haaraatti kan inni ittiin beekamu Masihiidhaan (Ibr. 1:5, 5:5, jechuun, mucaa, Far.1:7). Innis faayidaa irra kan oole
   a. Pheexiros, HoE. 4:25 irratti
   b. Phaawulos, HoE. 13:33 irratti

   Rakkoon isa kanaa Yesuusiin kan eeru lak. 7 irratti dha. "Ani har'an si dhalche" kan jedhu wajjin kan wal simatu yaadannoo guutuu achi irraa ilaali.

B. Bittaan Masihii kan wali galaa ta'a (kun ifa kan ta'ee guduunfaa dha tokkummaaf (Waaqa tokkotti amanuu) (mata-duree adda ilaali, Faarfannaa 2:9, Far.2:8, Mul. 12:5 irratti, kan koo yaada bal'aa mul'ataa www.freebiblecommentary.org irratti ilaali).

C. "Hormoota irraa" mormii qabaata (2:1-3). Tarreesitootni baay'een isa kana kan isaan waliin simsiisan akka walitti bu'iinsa loltuu bara dhumaati (jechuun, dursa waggaa kumaa) YHWH dhaa fi Masihii warra beekanii fi warra hin beekne gidduutti! Kunis Uma. 3:15 irratti kan jiru abdii fi Mul'ata 21-22 irraa kan jiru samii haaraadhaa fi lafa haara ijaarsa. Kana gidduu kan jiru hundumtuu hammatuu hameenya sodaachisaati, Waaqayyo guddummaa uumama isaati wajjin karoora tokkummaa kan dhiibu (jechuun, 1:26-27, 3:8).

D. Walitti bu'iinsi dhufuu danda'a, ha ta'u malee YHWH n oolchuu bara baraa isaa qaba, Masihii kan of keessatti qabatu.

## Mata -duree addaa: Karoora oolchuu Bara Baraa YHWH

Isin dubbistoota kootiif ifa gochuun kan narra jiraatu xuqaa kan irratti dursa ejjennoo qabachuu kootin.Malli Og-Waaqummaaa kootii Kaalviin miti ykn raawwatee birmadummaa, haa ta'u malee ergama guddicha wangeelawummaati (Mat 28:18-20; Luq 24:46-47; H.E.1:8). Ani kanin amanu Waaqayyoo nama hundumaa oolchuuf karoora bara baraa akka qabuudha (fakkeenyaaf, Uum.3:15; 12:3; Bau. 19:5-6; Erm. 31:31-34; His.18; 36:22-39; H.E.2:23; 3:18; 4:28; 13:29; Rom. 3:9-18, 19-20,21-31). Bifaa fi fakkaattii isaatti kan uumaman hundumaa (Uum.1:26-27). Kakuun isaa Kiristoosiin tokko ta'a (Gal. 3:28-29; Qol. 3:11). Iyesuus dhoksaa Waaqayyooti, dhokatee kan turee fi amma kan mul'ate (Efe. 2:11-3:13)! Wangeelli Kakuu Haaraa, Esraa'elin osoo hin taanee, kan furtuu sagalee isaati. Dursanii hubachuun kun hiikakoo ququlluu sagalee isaa hundumaa halluu itti godheera. Barrefama hundumaa kanan dubbisuu isa keessatti! Kunis dhugumaa dursa ejjennooti (hiiktonni hundumtuu isaan qabu), haa ta'u malee inni qulqulluu sagalee isaa irraa kan argamee tilmaama dursaati.

Xiyaafannoon seera Uumama 1-2 YHWH n bakka Uumuu isaati, isaa fi uumama kabajama isaaf, ijoolleen nama hareeroo kan ittiin godhan (Uum.1:26,27; 3:8). Uumani mullattu kun ajandaa Waaqayyuummaa kanaatiif bakka itti mullina isaa ti.

1. Awugisxinoof qulqulluun amala isaa kan godhatee qaawwaa og-Waaqummaan uumeen, tokkoon tokkoon namootaa irratti, innis Waaqayyoon isa qofaaf guutuu kan danda'u.
2. C. S. Liwiis addunyaa kana kan waamu "Addunyaa tuqame" kan jedhuun, (jechuun, Waaqayyoon namootaaf kan qophaa'e).

Kakuu Moofaan ka'umsa baay'ee qabu, ajandaa Waaqummaa kanaaf.

1. Uumama 3:15 abdii jalqabaati, YHWH n mucaa namaa akka hin dhiifne, wal dha'aa cubbuu fi hameenyaa kana. Innis Israa'eeliin kan eeru miti, sababni isaa Israa'eelinis ta'ee namootni kakuu jiraachuu dhiisuun isaanii, hanga waamamuu Abirahamiitti, Uumama 12 irratti.
2. Uumama 12:1-3 ka'umsa waamicha YHWH fi mul'ata dha, Abirahaamiif, akkasumas saba kakuutiif Israa'eeliif kan ta'e. waamicha jalqabaa kanaan illee yoo ta'e, Waaqayyo guutummaa addunyaa ilaala. Lakkoofsa 3 hubadhu!
3. Ba'uu 20 irratti (Keessa deebii 5) YHWH n seera isaa Museedhaaf kenneera, saba isaa adda ta'ee akka geggeesuuf. Ba'uu 19:5-6 irratti YHWH n Museedhaaf akka mulateetti, Israa'eeliif kan inni qabu walitti dhufeenya addaa akka ilaale hubadhu. Garuu immoo hubadhu, isaan akka Abirahaam filatamuu isaanii, biyya lafaa akka eebbisaniif (Bau. 19:5, "Addunyaan hunduu kan kooti hoo"). Israa'eel jechuun ormootni YHWH akka beekanii fi gara isaatti akka booji'aman tooftaa gochuu ture. Bifa nama gadisiisuun isaan hin dandeenye (Hiz. 36:27-38).
4. Faarfannaa – 22:27-28; 66:4; 86:9; (Mul. 15:4)
5. Karaa raajootaatiin YHWH n oolchuu isaa karaa hundumaan karoora isaa ibsuu itti fufeera.
   a. Isaayaas - 2:2-4; 12:4-5; 25:6-9; 42:6; 10-12, 45:22; 49:5-6; 51:4-5, 56:6-8; 60:1-3; 66:18, 23
   b. Ermiyaas –3:27, 4:2, 12:15-16; 16:19

c. Mikiyaas 4:1-3
d. Milkiyaas 1:11

Kunnis mirkanneefannaa karaa hundaanii B L mimijaa'eera, "Kan Kakuu Haaraa" gahuu (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-38) innis haraaraa YHWH irratti kan xiyyaafatu, namoota kufan irratti osoo hin taane. "Laphee haaraa," "Yaada haaraa," fi "Hafuura haaraa" jira. Abbommamuun isa guddaa dha, garuu inni kan keessaati, seera bara baraa qofa osoo hin taane (Rom. 3:21-31).

Kakuu Haaraan ifatti cimsee kaa'aa karoora oolchuu karaa hundumaa, karaawwan baay'eedhaan.

1. Ergama isa guddaa – Matt. 28:18-20, Luqaas. 24:46-47, HoE. 1:8
2. Karoorri Waaqayyoo bara baraa (jechuun, carraan isaa) – Luqaas 22:22, HoE. 2:23, 3:18, 4:28, 13:29
3. Waaqayyo namoonni hunduu akka fayyan barbaada – Yohaannis 3:16, 4:42, HoE. 10:34-35, 1Xim.. 2:4-6, Tito 2:11, 2Phex. 3:9, 1Yohaannis 2:2, 4:14
4. Kristoos Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa wali galcheera – Gal. 3:28-29, Efe. 2:11-3:13, Qol. 3:11. Kan namoota gufachiisanii fi garaagarummaan hnduu Kristoosiin dhabamsiifameera. Yesus "iciiti Waaqayyoo" ti, dhokfamee kan ture, amma garuu kan mul'ate (Efe. 2:11-3:13).

Kakuu Haaraan kan irratti xiyyaafatu Yesus irratti, Israa'eel irratti osoo hin taane. Wangeelli, biyyummaa yookaan naannoo teessuma lafaa gaarii osoo hin taane, giddugaleessa. Israa'el mul'ata jalqabaa ture, Yesus garuu ga'umsa xumuraati (Mat. 5:17-48).

Abdii qaba, yeroo fudhatanii mata-duree addaa akka dubbisan: maaliif kan Kakuu Moofaa abdiiwwan kakuu abdiiwwan kakuu Kakuu Haaraa irraa baay'ee adda kan isaan fakkaataniif. Isas kallattiidhaan sarara weeb saayitii irratti argachuu dandeessu www.freebiblecommentary.org.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 2:1-3

**1 Sabni biyya lafaa maaliif Raafaman?**
**Namoonnis maaliif akkasumaan itti Koran*?**
**2 Waaqayyoon, isa inni dibee**
**Moosiseenis mormuudhaaf, mootonni lafa irra in ka'u,**
**Warri biyya seerratanis wali wajjin taa'aanii in mari'atu*.**
**3 Isaan, "Kottaa hidhaa isaanii of irraa in cabsinaa!**
**Funyoo isaaniis of irraa in darbannaa!" in jedhu*.**

**2:1-3** kun kan inni ibsuu hafuura nama kufee kan barbaadu ta'uu isaati (keessumatti, lak. 3, Uma. 3). Sabummaan Waaqayyo ijoollee namaa karaa ittiin eeguu dha, mootummaa addunyaa tokkoo irraa (Uma. 10-11, 2Tes. 2). Ta'us, guyyaa tokko addunyaan Masihii Waaqayyo jalatti tokko taati. Waldaa kristaanaatiif kun gammon Baabi'eel gala galtoo isa guyyaa shantamaffatti raawwatameera (HoE. 2, jechuun, "hundumtuu qooqa mataa isaaniitiin wangeela in dhaga'u turan").

**2:1** AB (fuula 6) kun dursa lakkoofsaa kan hiikamu, "hormoonni maaliif koratan, sabnis maaliif loltu isaanii lakkaa'an?" kan jedhuu dha. Dubbifamni kun kan inni irratti hundaa'e

1. Wal cinaan
2. Akkaataa fayyadama jechaa Ugareetiin
3. Gochamni dursuu ("Hiyyisiisu" BDB 921, KB 1189, *Qal* PERFECT)) as qofa irratti argama Kakuu Moofaa keessaatti.
4. Fayyadamni hundee isaa, "wanta akkasumanii," ריק (BDB 937) Uma. 14:14 irratti, LXX kan hiikame (jechuun, "inni duuka buutu mataa isaati lakkaa'e" kan jedhu dha.

Innis wal cina fooyya'e lakkoofsa lamaa wajjin kan godhu fakkaata.

**2:2 "Mootota… bittoota"** isaan kunis immoo Abo. 5:3, Fak. 8:15 wajjin wal cina (dubbi dacha).

◘ **"Kan lafaa"** "lafa" jechi jedhuu hiika bal'aa ta'e qaba. Akka yaada barreefama isaatti fudhachuutu irra jiraata, inni kan qorbee, kan naannoo, yookaan kan addunyaalessaa yoo ta'e. Asitti gaaffiin isaa "Faarfannaan kun dursee kan inni eeru biyyoota Israa'eeliin marsanii dha, faayidaa (baha dhi'oo durii), yookaan biyyoota hundumaa (lak.8)"? haala galumsa isaatiin kun raajii raawwatama baay'ee qabuu dha, kan akka Isa.7:14 yookaan ramaddii isa guddaa kan akka Faarfannaa 22. Faarfannaa kanaan akkaataa haala fayyadama kakuu haara, inni bifa wali gala qabaata (jechuunis, kan Masihii, bakka raawwata ga'umsaa, kan adduunyaalessaa).

Fayyadama, yeroo gammachuutii fi yeroo ayyaanaatti /Isa. 53:11/.

## MATA DUREE ADDAA: LAFA, BIYYA , LAFA

Akka hidda Ibirootaa hundumaa, akkaataan qabiyyee barreefamichaa isa guddaadha hiika ta'uu qabu murteessuudhaaf. Lakkoofsa murtaa'e kan qaban hiddi Ibirootaa (jechuun, qooqa Seem durii) hiikoota adda addaa fi hiikoonni akka hojjetan isaan godheera. Hiddi inni kun (BDB 75, KB 90) ta'u kan danda'u

1. Guutummaan biyya lafaa (ammam illee hanga isaa fi boca isaa durii yoo hubachuu baatanis. Innis yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oolu "biyya lafaa beekamaa" dha)
   a. Seera uumamaa 1-2; 6-9; 10:32; 11:1, 4, 8, 9; 14:19; 18:18, 25; 22:18, k.k.f.
   b. Seera Ba'u 9:29; 19:5
   c. Faarfannaa 8:1, 9; 24:1; 47:2, 7; Erm. 25:26, 29, 30
   d. Fakkeenya 8:31
   e. Isaayaas 2:19; 21; 6:3; 11:4, 9, 12, 12:5
2. lafti samii wajjin wal bira qabameera
   a. Seera uumamaa 1:2
   b. Seera Ba'u 20:4
   c. Keessa deebii 5:8; 30:19
   d. Isaayaas 37:16
3. lafa irratti fakkiidu bakka bulti namaa
   a. Seera uumamaa 6:11, 11:1
   b. 1Moototа 2:2, 10:24
   c. Iyoob 37:12
   d. Faarfannaa 33:8, 66:4
4. biyya yookaan bittaa
   a. Uumama 10:10, 11, 11:28, 31
   b. Keessumatti, Israa'eel (kennaa YHWH , qabeenyaa isaa)
5. biyyee, Iyaasu 7:21
6. biyya lafaa jala (KB. 91)
   a. Ba'uu 15:12
   b. Faarfannaa 22:29, 71:20; Ermiyaas 17:13; Yoonaas 2:6
7. addunyaa haaraa
   a. Isaayaas 9:1-7; 65:17, 66:22
   b. Kakuu Haaraa ilaali, Roome 8:19-22; Galaatiyaa 6:15; 2Phex. 3:13; Mul. 21:1, 5

Akkaata yaada barreefamichaatti, akkaataa yaada barreefamichaatti, akkaataa yaada barreefamichaatti murteessaa ta'uu isaa hubadhu. Hundeen wajjin deemu yeroo hundumaa gargaaruu ni danda'u, garuu yeroo hundumaa miti.

◘ **"Gooftaa"** kun Israa'eeliif hafuura (Waaqa) maqaa kakuuti. Mata-duree addaa ilaali, Far.1:1 irratti.

◘ **"Kan dibame"** kun jecha Ibirootaati, "Masihiidhaaf". Innis gara Girikiitti "Kristoos" kan jedhuun hiikameera. Innis argamu hafuura qulqulluu adda ta'eef fakkeenya ta'a, Waaqayyo hoji inni isaaf kenne karaa namaatiin raawwachuudhaaf (1Sam. 10:1, 6, 16:13, 1Mot. 19:16, Isa. 61:1).

## MATA DUREE ADDAA: MASIIHII

Inni kun yaadannoo gamaaggamaa koo Dan. 9:6 irraa fudhatme. Jecha kana hiikuu irratti ulfinni kan jiraate sababa hiikonni ta'un danda'an jecha Masihii ykn kan muudame tokko wajjin walitti gamtaa'aniitin (BDB 603).

1. Moototа Yihudootaatiif fayyade (fakkeenya, 1Sam. 2:10; 12:3)
2. Luboota Yihudootaatiif fayyade (Fak. Lew. 4:3,5)
3. Cyrusiif fayyade (cf. Isa. 45:1)
4. #1 fi # Faarsaa 110 fi Zakaariyaas 4 keessatti walitti makamanii jiru.
5. Dhufaatii Waaqayyoo addaatiif fayyade Mootummaa Daawitii bara haaraa tolummaa keessatti fidhuudhaaf
   a. lenca Yihudaa (cf. Uma. 49:10)
   b. mana Jesse (cf. 2Sam. 7)
   c. bittaa guutummaa Waaqaa lafaa (cf. Faarsaa 2, Isa. 9:6; 11:1-5; Mik. 5:14ff)

Ani dhuunfaa kootti "nama muudame tokko" Yesuus Nama Naazireetiif adda baasamuu isaatti gammadeera, sababa

1. seensa Mootummaa Waaqayyoo inni bara baraa boqonnaa 2 yeroo mootummaa afratiin
2. seensa "ilma namaa" u:13 keessatti mootummaa bara baraa argate.
3. Himoota fayyinaa 9:24 isa bu'aa ba'ii dhala namaa kufe isa dhumaa argisiisu,
4. Itti fayyadamuu Yesuus Macaafa Daani'el Kakuu Haaraa keessatti (cf. mat. 24:15; Mar. 13:14).

**MATA-DUREE: KAN DHUFUU MAQAAN WAAMICHAA ADDAA**

A. Raajii – Kes. 18:15, 18
B. Mootii
   1. Gosa Yihudootaa irraa, Uma. 49:10, Far.60:7;108:8
   2. Gosa Daawiti irraa, 2Sam. 7 (Iseeyi irraaa Isa. 11:1)
   3. Barreefamoota kan biroo irraa, 1Sam. 2:10, Far.89:3-4, Isa. 9, 11; Erm.30:8-9, His. 37:21-22; Zak. 9:9-10
C. Mootii/luba
   1. Far.110 (mooti, Lak. 1-3, luba, Lak. 4)
   2. Zak. 4:14 (muka ejersaa lamaan, namoota dibaman lammanu, Zerubaabel [sanyii Daawiit] fi Iyaasu [sanyii Aroon])
D. Kan dibame (Masihii"
   1. Waaqayyo mooti, Far.2:2, 45:7
   2. Argamu hafuuraa, Isa. 11:2, 61:1
   3. Kan dhufu, Dan. 9:26
   4. Geggeesitootni Kakuu Moofaa sadi dibamaniiru, waamichaa fi humna Waaqayyoo hidhachuudhaan fakkeenyummaa: moototа (Bau. 28:41; Lew. 4:3; 6:22) fi raajoota (1Mot. 19:16)
E. Mucaa mootii
   1. Far.2:7; 12
   2. Mootiin Israa'el akka Waaqayyo isa bituutti fakkeenyummaa (1Samuu'el 8)
F. Ilma namaa (Dan. 7:13)
   1. Nama, Far.8:4, His. 2:1
   2. Hafuura, Dan. 7:13
G. Waamicha maqaa oolchuu adda ta'e
   1. Tajaajilaa rakkina fudhatu Isa. 52:13:53:12
   2. Tiksee rakkina fudhatu, Zak. 12-14
   3. Dhagaa golee, Far.118, Isa. 8:14-15; 28:16
   4. Mucaa adda ta'e Isa . 7:14, 9:6-7; Mik. 5:2
   5. Dame, Isa. 4:2; 11:5, 53:2; Erm. 23:5-6; 33:15; Zak. 3:8; 6:12

Kakuu Haaraan waabii tattamsa’e kana fudhachuudhaan akka Waaqayyootti baka-buusii oolchuu adda ta’eetti lakkaa’a, akkasumas Yesuusiin abdii Waaqayyootiin kan dhufu gara jedhuutti guddisa (Fakkeenyaaf, Mat. 16:13-20, Yoh. 11:25-27). Dhufaatiin Masihii laman gocha baay’ee kanaa fi waamichi maqaa tokko kan ittiin ta’uu dha.

Wangeela irra kan jiru ibsa gaariidhaa fi, wa’ee ilma namaa aboo yookaan akka tajaajilaa rakkina fudhatuutti, kan Jorji E. Laad, barumsa hafuuraa Kakuu Haaraa fuula 149-158 ilaali.

**2:3** lakkoofsi kun wal makaa lama qabu

1. Ha kutnu – BDB 683, KB 736, wal makaa Peeyil, Erm. 5:5
2. Ha gatnu – BDB 1020, KB 1527, wal makaa Hifeel

Namni kufee (namootni dhuunfaa fi gareewwan cimoo) uumaa isaanii irraa adda ba’uu (bilisummaa) barbaadan (Uumama 3).

“Hidhaa” (BDB 64) fi “funyoo” (BDB 721) kan inni argisiisuu hidhamtoota wantoota akka isaan hidhanii dha (asitti, meeshootni). Isaan (akka namoota kufan hundumaa) seera YHWH kan isaan ilaalan bilisummaa isaanii akka isaan dhorkuutti dha, dhugaan isaa garuu, seerri isaa kan oolchu nuun naga qabeessa, gammadaa, fi bu’a qabeessa akka nu godhuu dha, addunyaa kufeen. Seerri isaa qajeelfama jaalalaa maatiiti, geeggeessuu fi ogummaa kan kennan!

## MACAAFA FAARFANNAA:2:4-6

**4 Inni batiiwwan waaqaa**
**Gararraa taa’u Itti in kolfa,**
**Gooftichi isaanitti in ga’isa*.**
**5 Kana booddee gooftichi**
**Aarii isaatiin isaanitti in Dubbata.**
**Dheekamsa isaatiin isaan in naasisa*.**
**6 Itti fufees, “Ani mootii isa kan kooti immoo**
**Xiyoon tulluu koo isa qulqulluu irra**
**Teessiseera” in jedha*.**

**2:4-6** kun kan inni ibsuu yaadaa fi gocha YHWH ti, iyya ormaa irratti. Kun fakiduu seer-luga qooqaati.

1. Nii taa’aa
2. Ni kolfa (Far.59:8, Fak. 1:26)
3. Ni ga’isa
4. Aariidhaan dubbata

Kan kufee, namni walitti qabame fedha YHWH dhiibuu ni danda’aa (jechuun, Uma. 10-11)? Hin danda’u!

## Mata duree addaa: Waaqayyo akka namaatti mullateera (ANTHROPOMORPHIC LANGUAGE)

I Qooqi akkasii kun Kakuu Moofaa keessaatti baayyee beekamaadha (fakkeenya yartuu)

A. Buusaa qaama foonii

1 Ijoota – Seera Uumamaa 1:4, 31;6:8;Bau33:17;Seera lakk.14:14;Seera keessa deebi 11:12;Zakariyaas 4:10

2 Harkoota- Bau15:17;Seera lakk.11:23;Seera keessa deebii 2:15
3 Irr’ee- Bau6:6, 15:16; Seera keessa deebi 4 34, 5:15, 26:8
4 Gurroota- Seera laak. 11:18;Samu’eel isaa duraa 8:21; macaafa motoota isaa 2ffaa 19:16 Faarfannaa 5:1;10:17;18:16
5 Fuula- Bau33:11; Seera lakk. 6:25; 12:18; keessa deebii 34:10
6 Quba- Bau8:19 31:18; keessa deebii 9:10; Faarfannaa 8:3
7 Sagalee- Seera Uumamaa 3:8,10; Seeraa ba’uu 15:26, 19:19; keessa deebii 26:1727:10

8 Miillota- Bau24:10;Hiziraa 43:7
9 Bifa namaatiin- Bau24:9-11; Faarfannaa 47; Isayaas 6:1; Hiziraa 1:26
10 Ergamaa Waaqayyoo- Seera Uumamaa 16:7-13; :11-15;31:11, 13;48:15-16, Bau3:4;13:21;14:19; Abboota firdii 2:1;6:22-23;13:3-22

B. Goochaawwaan foonii
1 Uumamaa uumu isaa itti imuu- Seera uumama 1:3;6:911:1420:24:26
2 Tarkaanfachuu (sagalee isaa) Eedeen keessatti- Seera uumama 3:8, Lew 26:12, keessa deebi 23:14
3 Balbala Bidiruu Nohii cufuu isaa- Seera uumamaa . 7:16
4 Haarsoo urgeefachuu isaa –seera uumamaa 8:21; Bau29:18,25;Lew 26:31
5 Bu’uu – Seera uumamaa 11:5;18:21;Bau3:8, 19:11,18:20
6 Musee hawwaaluu isaa Keessa deebii 34:6

C. Miira namummaa (fakkeenya yartuu)
1 Gaabbuu- seera uumamaa 6:6,7; Bau32:14; Abboota firdii 2:18;Samu’eel isaa duraa 15:29,35; Raajii Amoost 7:3,6
2 Dheekkamuu (haariidhaan)- Bau4:14, 15:7;Seera lakk.11:10,12:9,22:22, 25:3,4,32:10,13:14,keessa deebii 6:15,7:4;29:20
3 Innaaffaa- Bau20:5,34:14;Keessa deebii 4:24,5:9,6:15,32:16,21, Iyyaasuu 24:19
4 Jibba/ciiga’uu- Lewwota 20:23, 26:30;keessa deebi 32:19

D. Jechoota maatii (fakkeenya yartuu)
1 Abbaa
   a. Kan Isiraa’el- Bau4:22; Seera keessa deebii 14:1; Isayaas 1:2;63:16,64:8
   b. Kan mootii Samu’eel isaa 2ffaa 7:11-16, Faarfannaa 2:7
   c. Fakkeenya gochaa abbummaa- Seera keessa deebii 1:31,8:5, Faarfannaa 27:10, Fakkeenya 3:12, Raajii Irmiyaas 3:4,22;31:20, Raajjii Hosee 11:1-4,Raajjii Miikiyaas 3:17
2 Maatii- Raajii Hosee 11:1-4
3 Haadha- Faarfannaa 27:10 (fakkeenya haadha harma hosiiftuu) Isayaas 49:15,66:9-13
4 Dargaggessa jalalleef amanamu- Raajjii Hosee 1-3

II Sababa fakkeeny qooqa akkasii fayyadamuu
A. Ilmaan namootaati of mul’isuun Waaqayyoof barbaachisaa sababa ta’eef yaadii Waaqayyoon akka “dhiiraati”fudhachuun kan babalate, sababiin antrpomorfiik ta’eef Waaqayyo hafuura waan ta’eef.
B. Waaqayyoo kan inni fudhatu bifa jireenya namoota isaa ittin mullisuuf fayyadama.Ilma nama isa kufeef (Abba, haadha, maatii, fi jaalalleedha).
C. Ammam iyyuu yoo barbaachisa ta’e, Waaqayyo ofii isaa boca qaama kamiin iyyuu daangessuu hin fedhu (Bau20,Seera keessa deebi 5)
D. Raawwatamni antromorfikaa foon uffachuu Yesuusidha. Waaqayyoo foon uffate, kan harkaan qaqabamus ta’e (Erga Yohanis isa duraa 1:1-3). Ergaan Waaqayyoos sagalee Waaqayyoo ta’e (Wangeela Yohaniis 1:1-18).

**2:4 “Waaqa irra kan jiraatu”** kun kan inni argisiisu bakka teessoo Waaqayyooti, kan bitu! “Samii” dhaaf mata duree addaa asi gadii jiru ilaali.

## MATADUREE ADDAA: SAMII

Jechi warra Ibrootaa (BDB 1029, "samiiwwaniitti" ,"waaqa", "bantii waaqaa", "qilleensa" hiikame waantota kanneen biraa heedduu ibsuu danda'a (fakkeenyaaf, waantota walitti anaanaanii geengoo ta'anii jiran yookiin uumamama geengoo ta'e agariisa).

1. Umama 1:8-20 keessatti samii isaa lafa gararraa jiru bakka duumeessii fi sinbiroonni waaqaa irra balali'an agarsiisa.
2. Geengoon kun (Uma. 1:6,20; Isa. 40:22; 42:5) lafa irraa gara olii ta'ee bakka Waaqayyo bokkaa ergu, "ulaa waaqaa " Far. 78:23-29; Milk. 3:10 yookiin uuroo bishaanii isa waaqa irraa Iyyo 38:37).

3. Geengoon kun bakka urjoonni jiraatanii fi plaaneetonni irra naannaa'an dha (bifa lamaan ilaalama). kosmoos isa uumame hundas ilaalachuu danda'a bakka gaalaksonni kumaatamaa fi biiliyoonaan lakkaawaman jiran)
4. Waan akka geengoo kana gararraa bakka Waaqayyo jiraatu dha (jechuunis samii sadaffaa yookiin torbaffaa). Inni samii isa waan hundumaa gararraadha (Kes. 10:14; 1 Mot. 8:27,30,32; Far. 2:4; 148:4; Isaa. 66:1).
5. Ibsa karaa barumsa xiin-waaqaummaa
   a. Waaqayyo uumaa waanta hundumaati.
   b. Uumama ni too'ata (ifaa fi dukkana, roobiinsaa fi gogiinisa)
   c. Ibsituu waaqa keessa jiran uumee bakka bakka isaanii kaa'e (aduu, ji'a, uurjii, plaanetota, koometi)
   d. There are spheres or realms of reality:
      1) lafa
      2) lafa irraa
      3) kan hin mullanne/ergamootaa (Qol. 1:16)
      4) lafa Waaqayyo jiraatu bakka argama isaa
   e. hundi isaanii walqbatanii fedii Isaatiin too'atamanii jiru

## Mata duree addaa:-SAMIIWWAN

Kakuu Moofaa keessatti jechi "Waaqa" jedhu yeruma hundaa danooma (fakk. *shamayin*, BDB 1029).

Jechichi Ibruu "ol ka'uumsa" jechuudha. Waaqayyo iddoo ol ka'aarra jiraata. Yaadichi qulqullummaa fi hunda caalummaa Waaqayyoot calaqqisiisa.

Uma. 11 keessatti danoominni bantiiwwan "Waaqaa fi lafaa" akka uumama Waaqayyoo (1) akka qilleensa banamaa pilaanetii lafaatii olii ykn (2) akka karaa dhugaa hundaa erutti (fakk., an hafuuraa fi kan foonii) ilaallamanii turaniiru. Hubannaa bu'uraatirraa kitaabileen kan biroo akka sadarkaalee Waaqaatti ragaadhaan ni eeru. "Waaq Waaqotaa" (cf. Far. 68:33) ykn "Waaqaa fi Waaqa Waaqotaa" (cf. Kes. 10:14; 1Mot. 8:27; Nah. 9:6; Far. 148:4). Barsiisonni tarii tilmaama kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'a.

1. Waaqota lama (fakk.. R.Yihudaa, Hagigah 126)
2. Waaqota sadii (Test. Levi 2-3; Ascen Isa. 6-7, Midrash Tehillim Far. 114:1 irratti
3. Waaqota shan (III Barunch)
4. Waaqota torba (R.Simonb. Lakish; 2Enoch 8; Ascen Isa 9:7)
5. Waaqota kudhan (2Enoch 20:3b; 22:1)

Kunniin hundinuu addaan ba'uu uumama ijaan arginu fi hundaa ol ta'uu Isaa Waaqayyoo argisiisuuf jechuufi ture. Barsiisummaa Yihudummaa keessatti lakkoofsi Waaqotaa beekamoon baay'ee kan baratame torba ture. A. Cohen, Everymanis Talmud (f. 30) geengoowwan astiroonomii wajjin walk an qabate ture jedha, garuu inni lakkoofsa torba jiraataa guutummaan guutuutti sirrii kan eeru natty ni fakkaata (ie., guyyootii uumamaa boqonnaa Waaqayyoo Uma. 1 keessatti bakka bu'an torbaan).

Phaawuloos, 2Qor. 12:22 keessatti Waaqa "sadaffaa" (Giriikii *Ouranos*) karaa akka eenyummaa jiraachuu hund caalummaa Waaqayyo ibsaa jirutti ni eera. Phaawuloos Waaqayyo wajjin otuu hin yaadamin itti ba'ee ture!

▣ **"Ni kolfa"** gochamichi (BDB 965, KB. 1315, *Qal* IMPERFECT) akkuma jirutti olaantummaa YHWH karaa ittiin ibsamuu dha. THE UBS *Handbook* (fuula 26) ilaalcha qabiyyee qaba. "Far.1:1 irratti 'warra qoosan" jechuun Waaqayyo irratti namoota ga'isanii dha, asitti Waaqayyoo dha waaqa tolfamaa warra waaqessan dura' taa'oota warra itti kolfan."

▣ **"Gooftaa"** lak. 4a fi 4b wal cina, kanaaf hafuurri eerame YHWH dha (lak. 2c). Asitti jechi isaa YHWH miti, *Adon* malee, jechi Ibirootaa "abbaa manaa," "Abbaa warraa." "Gooftaa." Mata duree addaa ilaali: maqaawwan hafuuraa Far.1:1 irratti.

**2:6** YHWH n garaagarummaa faallaan waaqa tolfamoo irraa, arguu, dhaga'uu, yookaan hojjechuu kan hin dandeenye, kan oolfaman ("Kan adda ta'e," BDB 651, KB 703, *Qal* PERFECT) mooticha! Mootiin Israa'eel akka bakka bu'aa YHWH tti hojjeta.

Seer-lugni bakka maqaa bu'aan, "Ana," "kan koo" (yeroo lama) fayyadama isaanii hubadhu. YHWH n qaamaan lafa irratti ni argama, damaqaadhas, keessaa iyyuu saba kakuu isaa wajjin.

▣ **"Xiiyoon tulluu koo isa qulqulluu irra"** isaan kun lammanuu kan isaan eeran gaara Mooriyaa, bakka ol ka'aa Yerusaalem, manni qulqulluummaa isaa kan itti hojjetame. Ka'umsuma irraa Xiyoon kan eeruu olqa Ayabusaan bakka ol ka'aa itti hojjetamee dha (jechuun, Yerusaalem, bakka ol ka'oo torbaan marfamuu ishee. Daawit mo'ee bakka ol ka'aa irratti mana qulqullummaa isaa ijaare. Booda irratti guutummaa magaalatti waamama Yerusaalem ta'e.

## MACAAFA FAARFANNAA: 2:7-9

**7Ani mootichi seerrata waaqayyoo himuufan jira,**
**Inni anaan, "Ati ilma koo ti ani har'an sidhalche*;**
**8ana kadhadhu, anis saba hundumaa**
**Kan kee akka godhattuuf,**
**Laftis hamma andaara isaatti**
**Qabeenya kee akka ta'uuf siif nan kenna*;**
**9Ati ulee sibilaatiin isaan in Cabsita,**
**Akka qodaa suphees isaan in hurreessita" jedhe*.**

**2:7-9** kan dubbatuu mootii haaraa dha, asiti kan YHWH "mucaa" jedhama (Ibi. 1:2, 3:6, 5:8, 7:28).

## Mata duree addaa: Mucaa Waaqayyoo

Kun isa tokkoo kan Kakuu Haarawaamicha Yesuusiti. Inni sirrimatti hiika Waaqummaa qaba.

Innis Yesusiin kan ammatu akka "ilma" yookaan "ilma koo" fi Waaqayyoon akka "abbaatti" dha. Inni Kakuu Haaraatti yeroo 124 ta'eera. Kan Yesus kan inni ittiin waamamuu "ilma namaa" hiika Waaqummaa qaba Daani'eel 7:13-14.

Kakuu Moofaan "ilma" kan jedhu kan inni ittiin waamamuu ramaddi wantoota adda addaa afur argisiisa.

A. Ergamoonni (yeroo hundumaa lakkoofsaa baay'ee seera Uumamaa 6:2, Iyoob 1:6, 2:1)
B. Mootiin Israa'el (2 Saamu'el 7:14, Faarfannaa 2:7, 89:26-27)
C. Saba Israa'el walumatti qabaatti (Ba'uu 4:22-23, Keessa deebii 14:1, Hosee 11:1, Milkiyaas 2:10)
D. Abboota firdii Israa'elootaa (Faarfannaa 82:6)

Inni fayyadama lamadha Yesus wajjin kan wal qabatee bifa kanaan "ilma Daawiti" fi "mucaa Waaqqayyoo" lamanuu Saamu'eel isa 2 7, Faarfannaa 2 fi 89 wajjiin adeemu. Kakuu Moofaattu "mucaa Waaqayyo" raawwatee fayyadama irra hin oole, keessumatti Masihii kan ilaalatu akka mootii bira ga'utti innis kan Israa'el "kan dibamee muudama"irraa kan hafe. Ta'us galaana diimaatti maramaan hidda Masihii wajjin kan wal qabatee kan irra deddeebi'amuu dha (adda kan ta'ee *Dictionary of Jesus and the Gospels,* fuula170 ilaali). Akkasumas "mucaa

Waaqayyoo" hidda dhalootaa Masihiiti. Lamaanu macaafa Qulqulluu kan ta'an deebiin Yihudootaa hojii barreeffamaa (II ISidiraas 7:28, 13:32, 37, 52, 14:9 fi Heenook 105:2).

Kan isaa kan Kakuu HaaraYesuusin akka argisiisuutti ramaddii baay'eedhaan gaarii ta'ee hammateera.

1. Dursa argamuu isaa (Yohanniis 1:1-18)
2. Kan isaa kan adda ta'ee (kan durbaa) dhaloota (Maatihoos 1:23, Luqaas 1:31-35)
3. Cuuphamuu isaa (Maatihos 3:17, Maariqos 1:11, Luqaas 3:22). Olii kan dhufee sagallee Waaqayyoo Faarfannaa 2 mootii mootootaa Isaayaas 53 rakkina fudhachuu isaa taajajilaa wajjin wal qabachiisa).
4. Kan isaa qorumsa seexannaa isaa (Maatihos 4:1-11, Maariqos 1:4, 13, Luqaas 4:1-13).

Inni ilmummaa isaa akka shakkuu qorameera yookiis yoo xinnaatee gocha isaa akka xumurutti bifa gara garaatiin fannoo caalaa).

5. Karaa fudhatama hin argannee dhuga baatoota kan isaaf godhamee mirkaneessu
   a. Ginnii (Maariiqoos 1:23-25, Luqaas 4:31-37, 41, Maariqos 3:11-12, 5:7
   b. Kan in amane (Maatihos 27:43, Maariqos 14:61, Yohannis 19:7
6. Duuka buutuu isaatiin mirkaneessa isaaf godhamee
   a. Maathos 14:33. 16:16
   b. Yohannis 1:34, 49, 6:69, 11:27
7. Kan inni ofiif mirkaneesse
   a. Maatihos 11:25-27,
   b. Yohannis 10:36
8. Waaqayyo akka abbaatti kan itti fayyadamee jecha dhokataa maatii
   a. "*Abbaa*" jecha abbaadhaaf fayyadamee
      1) Maariqos 14:36
      2) Roomee 8:14
      3) Galaatiya 4:6
   b. Irra deeddebi'uun abbaa (*patēr*) jechuun fayyadamuu isaa Waaqummaa wajjin firooma qabaachuu isaa ibsuudhaaf

Guduunfuudhaaf "yaa mucaa Waaqayyoo" kan jedhu taayitaa guddaa hiika xin-waaqummaa qaba, Kakuu Moofaa fi abdii sagallee isaa ramaddii isaa kan beekaan haa ta'uu malee kan Kakuu Haaraa barreesitootni kan isaa abbaadha wajjin kan jiru fayyadama in jeeqa, sababii isaa waaqa tolfamaa waaqessuu seena duuba waan qabaniif "kan waaqa tolfamaa" isaanis dubartoota fudhatanii bu'aa sanyii ta'uu waan fudhataniif, kunnis "namoota adda ta'n" yookaan "Nifilim" waan jedhaniif.

**2:7 "Ani har'an si dhalche"** gaaleen kun bakka bu'a kan jedhamu 2Saamu'eel 7 miira (Far.89:26-27), YHWH qooqa fakiiduun sanyii mootummaa Daawit "Abbaa" ta'uu isaa waadaa kan isaaf seene. "Har'a" kan inni argisiisu guyyaa muudama mootichaati. *Jon H. Walton, faayidaa (baha dhi'oo durii) yaada isaa fi Kakuu Moofaa, fuula* 89, yaadannoo miila jalaa 19 ilaali,

"Sanyii bakka buusuun isaa qabatamaa caalaa gahee wajjin walitti dhufuun isaa, labsii kitaaba qulqulluun ragaa qaba….akka (Faru.2:7) achittis mootichi aangoo muudama isaaf kan dhalate."

G. B. Caird, *The Language and Imagery of the Bible*, fuula 190 ilaali. Ta'es faarfannaa irratti kan Masihiitti faayidaa irra kan oole (jechuun, Yesus, Mat. 3:17, Luq. 3:22, Mar. 1:11, 9:7, HoE. 13:33, Ibr. 1:5, 5:5), innis wal fakkaataa kan ta'e rakkina barumsa hafuuraa kan uumu, keessaa iyyuu "tokkummaa" wajjin kan wal qabate, booda irrattis Kakuu Haaraan guddifachaan yaada manafiqummaa kan ta'e.

## Mata duree addaa: Waaqayyo Qeentee

"MONOTHEISM" kan jedhu yaad-rimeen (tokkoo fi tokkoo qophaa isaa kan ta'ee Waaqayyo) innis"waaqa tolfamaa ol jedhee" kan in taanee, kan baayinaa yookaan kan Iraan (Zoroastrianism) waaqa tolfamaa gaarii kan in taanee kunnis Israa'eliif adda kan ta'ee, (Abrahaam, 2000 Dhaloota Kristoof dura waggaa kuma lamaa). Tokko qofa adda kan ta'ee Gibxiin akka turee in ibsama, baayi'naanis kan in baratamne (Amenhotep 4, Akhenaten jedhamuun beekama, 1367-1350 yookaan 1386-1361 Dhaloota Kristoos dura.

Yaada rimeen kun Kakuu Haaraatti gaalee baay'een ibsameera

1. "Kan akka YHWH *eelooyim* keenya kan jiruu in jiru" Seera Ba'uu 8:10, 9:14, Keessa deebii 33:26, 1 Mootota 8:23,
2. "Isa alaa in jiru" Keessa deebii 4:35, 39, 32:39, 1 Saamu 2:2, 2 Saami 22:32, Isaayaas 45:21, 44:6, 8, 45:6, 21
3. "YHWH n tokkoo" seera keessa deebii 6:4, Room 3:30, 1 Qoro 8:4, 6, 1 Ximoo 2:5, Yaaqoob 2:19
4. "Kan akka kee in jiruu" 2 Saami 7:22, Ermi 10:6
5. "Ati kophaakee Waaqayyo dha" Faarfannaa 86:10, Isaayaas 37:16

6. “Ana dura waaqi in turee, ana duraas in jiru” Isaayaas 43:10

7. “Kan biraan in jiruu, ana malee…..kan biraan tokkoo iyyuu in jiru” Isaaya 45:5, 6, 22,
8. “Kan biraa tokko iyyuu in jiru, Waaqani biraan in jiru” Isaya 45:14, 18
9. “Ana malee kan biraan in jiru”Isaaya 45:21,
10. “Kan biraa in jiruu… kan akka koo mtokko iyyuu in jiru”Isaaya 46:9

Kun murteessaa kan ta’ee hundee amantii karaa fooya’een mul’ata isaa dirqamatti fudhachuu qabna. Ibsa durii hubachuu kan qabnu akka “henotheism”yookaan kan raawwatamuu “henotheism” dha (waaqolliin kan biraan jiru, haa ta’uu malee nuuf waaqa tokkicha Seera Ba’uu 15:11, 20:2-5, Keessa deebii 3:28, 5:7, 6:4, 14, 10:17, 32:12, 1 Mootota 8:23, Ps. 83:18, 86:8, 136:1-2).

Qeenxumaa (tokkummaa) ibsuudhaan kan jalqaban barreefami duraa ( tokkummaa kan falaasama) kan duriiti (Ba’uu 8:10, 9:14, Keessa deebii 4:35, 36, 33:26). Guutuudhaafi gaaffiin xumuramee Isaayaas 43-46 (43:11, 44:6, 8, 45:7, 14, 18, 22, 46:5, 9) irrati argama.

Kakuu Haaraan Seera keessa deebii 6:4, Room 3:30, 1 Qoro 8:4, 6, Efesoon 4:6, 1 Xiimoo 2:5 fi Yaaqoob 2:19 Yesus akka ajaja dura godhee heereera Maatii 22:36-37, Maari 12:29-30, Luuq 10:27. Kakuu Moofaanis ta’ee Kakuu Haaraan, cimsa kan laatuu kan biroon argamuun kan hafuuraa jiraachuu yeroo ta’u (ginni, ergamaa), haa ta’uu malee tokkoo qophaa isaa uumuun/kan oolchuu Waaqni (YHWH , Uumama 1:1) ta’u isaati.

Tokkichummaan kan Macaafa qulqulluu amala kan godhu

1. Waaqayyoo tokkoo fi kan adda ta’ee dha
2. Waaqayyo kan qaamaati (Uumama 1:26-27, 3:8)
3. Waaqayyo kan namuusaati (Itikaal) dha (Ba’uu 34:6, Naahimiyaa 9:17, Faarfannaa 103:8-10)
4. Waaqayyo namoota bifa mataa isaatti uume (Uumama 1:26-27) tokkummaadhaaf (jechuun lakk.2). Inni Waaqa hinaa dha (Ba’uu 20:2-3)

Kakuu Haaraa irraa (Kakuu Haaraa)

1. Waaqayyoo sadii kan bara baraa, ibsa qaama qabu (mata duree addaa:Waaqa sadan tokkoo 8:11 ilaali)
2. Waaqayyo mudaa kan in qabneefi mootummaa isaatiin Yesus keessatti mul’ateera (Yohannis 1:1-14, Qola 1:15-19, Ibiroota 1:2-3)
3. Nama kufee fi oolchuun kaayyoo bara baraa Waaqayyooti kan mucaa isaa tokkoo kennaa aarsaati (Isaaya 53, Maar 10:45, 2 Qoro 5:21, Filliph 2:6-11, Ibiroota)

Dhimma barumsa hafuuraa “mootii Masihuu jalqaba-le’ii hafuuraa” yookiis le’ii uumame kan jedhuu dha (Fak. 8:22-31, Rom. 1:4)? Yohaannis 1:1-3 dhimma kanaaf deebii ni kenna. Baay’ee faayida qabeessa akka ta’u Yohaannis 1:1-3 yaadannoo koo keessattan hammachiisa.

**Yohaannis 1**

**1:1 “Kan jalqabaa”** kun kan inni callaqqisiisu Uumama 1:1 yeroo ta’u dabalataanis 1Yohannis 1:1 irratti faayidaa irra oolera, waabii akka namaatti foon uffachuutiif. Ta’uu kan danda’u 1Yohaannis wangeelaaf ergaa nagaa dhaamuuti. Lammanuu waa’ee Ginoostiziimii ibsu. Lak. 1-5 kan isaan jabeessan kan Yesus Kristoosiin uumamaan dura dursa le’ii hafuuraati (1:15, 8:56-59, 16:28, 17:5, 2Qr. 8:9, Fil. 2:6-7, Qol. 1:17, Ibr. 1:3, 10:5-8).

Kakuu Haaraan kan inni ibsuu akka

1. Uumama haaraa, sababa kufaatiin mudaan kan irra hin jirre (jechuun, Uma. 3:15 mucaa namaaf raawwateera)
2. Mo’icha haara (biyyatti abdii)
3. Ba’uu haaraa (bilisa ba’uu) (raajii raawwatame)
4. Musee isa haaraa (seera kan kennu)
5. Iyyaassuu haaraa (Ibr. 4:8)
6. Dinqii bishaanii isa haaraa (Ibr. 3-4)
7. Maannaa isa haaraa (Yohaannis 6)

Fi kan biraa baay’een dabalataan, keessaa iyyuu Ibiroota irratti.

▣ **“Ture”** (Yeroo sadii) kun yeroo hin raawwatamne dha (Lak. 1, 2, 4, 10) inni kan inni irratti xiyyaafatu lee’I itti fufeenya qabu, yeroo darban irrattii dha. Yerichi faayidaa irra kan inni oole kan *Loogosin* le’ii

jalqabaa argisiisuudhaaf (8:57-58, 17:5, 24, 2Qor. 8:9, Qol. 1:17, Ibr.10:5-7). Innis lak. 3, 6 fi 14 irratti kan argamu yeroo gochamaatti wal faallessa.

▣ **"Sagalee"** jechi Girikii *logos* kan inni eeru ergaa dha, jecha tokko qofa osoo hin taane. Akkaataa haala barreefamaa kanaan warri Girikii kan isaan itti fayyadaman "ilaalcha biyya lafaa" kan jedhu ibsuudhaan, warri Ibirootaa immoo "ogummaa" dhaaf wal fakkaataa. Yohaannis jecha kana kan filateef sagalee Waaqayyoo lamaanuu qaamaa fi ergaa ta'uu isaa mirkaneessuudhaaf. Akkaataa haala barreefama qabiyyee C ilaali.

▣ **"Waaqayyoo wajjin"** "irraa" "fuula duratti" kan jedhuun mulachuu danda'a. Innis firooma dhi'oo argisiisa. Innis immoo gara le'ii hafuura tokkootti fi kan qaamaa sadii ta'ii bara baraa argisiisa (mata-duree addaa ilaali, Sadan tokkummaa Yohaannis 14:26irratti). Kakuu Haaraan kan inni mirkaneessuu Paraadooksii (sababa gahaa kan hin qabne) Yesus abbaa irraa adda ba'uu isaa fi garuu immoo abbaa wajjin tokko ta'uu isaati.

▣ **"Sagalichiis Waaqayyoon ture"** gochamni kun yeroo hin xumuramnee dha, akka lak. 1a. Keeyata homaa hin qabu (abbaa isaa kan ibsu, F. F. Birus *gaaffii fi deebii* , fuula 66 ilaali) *Theos* wajjin ta'us garuu Tewonis duraan durseeti kan ka'aame, gaalee Girikiin xiyyafannaaf. Lakkoofsi kuni fi lak. 18 labsii cimaa dha Logosii fi guutummaa hafuuraatii fi le'ii jalqabaa (5:18, 8:58, 10:30, 14:9, 17:11, 20:28, Rom. 9:5, Ibr. 1:8, 2Phex. 1:1). Yesus raawwatee hafuura ta'es nama guutuu (1Yoha. 4:1-3). Inni akka Waaqayyo abbaatti wal fakkaataa miti**,** ta'us garuu akka abbaatti le'ii wal fakkaataa hafuuraa akka abbaati.

Kakuu Haaraan kan inni mirkanneessu Yesus nama Naazireetiin raawwatee hafuura ta'uu isaati, ta'us garuu kan abbaa qaama adda ta'ee eega. Le'iin hafuuraa tokkoo Yoha. 1:1, 5:18, 10:30, 34-38, 14:9-10, fi 20:28 irratti xiyyaafannoon yeroo itti kennamu, garaagarummaan isaanii immoo Yohaannis `:2, 14, 18, 5:19-23, 8:28, 10:25, 29, 14:11, 12, 13, 16 irratti xiyyaafannoon itti kennameera.

**1:2** kun lakkoofsa 1 wajjin wal cina ta'uu, kanaaf irra deebiin dhugaa isa cimaaf xiyyaafannoo itti laata, ilaalcha murnaan, Yesus, innis 6-5 Q.L. K naannootti kan dhalate yeroo hundumaa abbaa wajjin ta'uun, akkasumas hafuura.

**1:3 "Wanti hundumtuu karaa isaan ta'e"** Logos kan abbaa bakka bu'aa uumamaa ture, kan argamus ta'ee kan hin argamne (Lak. 10, 1Qor. 8:6, Qol. 1:16, Ibr. 1:). Kun ogummaan gahee isheen taphatee wajjin wal fakkaataa dha Far.33:6 fi Fak 8:12-23 irra (Ibroota irratti "Oogummaa" saala dhalaati, maqaa).

▣ **"kan ta'e keessaa tokkollee isa malee hin taane"** kun ceephoo barumsa sobaa Ginoostikiiti, kan naannoo Ergamootaa, haala oljedheen waaqolii gaarii fi haala gadi bu'aan argama hafuurotaa gidduu, kunis dursa le'ii wanta godhe (qabiyyee akka haala barreefamichaa, D ilaali).

Hubachuun kan irra jiru, kan "Abbaa…Ilmaa" murnummaan walitti dhufeenya dhuunfaa fakiiduu karaa ittiin argisiisuu ta'uu isaati (Kes. 32:18). Maatiin cas-lugaa salphaadhumatti karaa hubatuuni, fakkeenyummaa tokkummaa kana. Dhugaan wal fakkaataan kun immoo "beekuu" kan jedhuu yaad-rimee Ibirootaa kan qooduu dha. Mata-duree addaa ilaali: beekuuFar.1:6 irratti.

**2:8** Muudamuun Masihii karaa hundumaan ta'a (Far.67:7, Isa. 45:22, 52:10, Erm. 16:19, Mik. 5:4, mata-duree addaa ilaali: lafa, biyya, lafa Far.1:2 irratti). Kun addunyaa Waaqayyooti. Innis Waaqayyoo fi fakkeenya isaatti kan uumaman namoota kan sosochoosu akka ta'uuf kan uumame (Uma. 1:26-27) tokkuummaaf (Uma. 3:8). Hameenya Addaamii fi Hewwan (Uma. 3) Fakkeenyi Waaqayyoo mucaa namaan miidhame, akkasumas uumama foonii irratti dhiibbaa Alta'aa irratti geesise (Rom. 8:18-25). Biyyi lafaa kun Waaqayyo akka inni ta'u kan barbaade miti! Ta'us, mucaa namaa irratti abdii yoo kutatu heyyamamaa hin taane. Ofi isaa Israa'eeliif mul'isee mucaa isaa erge (Uma. 3:15) uumama gara kaayyoo barbaadameetti deebisuuf. Kitaabni qulqulluun kan inni jalqabu Waaqayyoo fi mucaa namaa gidduu yoomeessa Ganati (Uma. 1-3, Far.1:3) kan inni xumurus Waaqayyoo fi mucaa namaa gidduu yoomessa Ganatitti (Mul. 21-22). Uumama 3 fi Mul'ata 21-22 gidduu kan jiru hunduu Waaqayyo kan bade kan ittiin qulqulleessuu dha!

▣ **"Dhaala…kan dhuunfaa"** isaan jechoonni lamaan faayidaa barumsa hafuuraa qabu, kennaa Waaqayyoof, saba kakuuf. Kan jalqabaa yeroo hundumaa kan walitti dhufuu Lewootaa wajjini dha. lammaffaan sanyiiAbirahaam kan ta'eef abdii dha (Uma. 17:8, 48:4, Lew. 25:34).

**2:9 "Ulee sibilaatiin isaan in eegda"** gochamni Ibirootaa (BDB 949, KB 1270, *Qal* IMPERFECT) רעע jalattii dha, ta'us garuu LXX fi Peshitaan kan isaan dubbisan akka "Bituutti" yookaan "Tiksee," ti רעה (BDB 944). Waldaan kiristaanaa durii LXX fi kana kan fayyadamu gaaleen isaa Mul. 2:27, 12:5 fi 19:15 faayidaa irra bifa ooleeni dha.

Ta'us, galima itti aanu irratti kan jiru dubbi dachaa Ibirootaa wal cinummaa (jechuun, "caccaabsuu" – BDB 658, KB 711, Peyil IMPERFECT)kan inni filatu "cabsuu dha".

▣ **"Ulee"** maqaan isaa (BDB 986) ta'uu kan danda'u "ulee," "Shimalaa," yookaan "ulee" dha. Fillannoon inni dhumaa kan fooyya'e fakkaata, akkaataa mootiin yoo ilaalamu (Far.45:6, 125:3, Lak. 24:17, Isa. 14:5, Hiz. 19:11, 14, Zak. 10:11). Ammam illee "Tiksee" sirrii yoo ta'es, egaa "Ulee " dha kan inni ta'u (Far.23:4, Mik. 7:14).

▣ **"Akka qodaa suphee dhooftuu in caccabista."** Cabuun qodaa suphee faayiidaadhaan (baha dhi'oo duriitti) fakkeenyummaa firdiiti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 2:10-12

**10 Kanaaf isin mootota nana qalbii Godhadhaa!**
**Isin warri biyya lafaa Seerrattanis gorfamaa!**
**11 Sodaadhaan Waaqayyoof Hojjedhaa!**
**Rom'aanis miilla isaa Dhungadhaa!**
**12 kanaa achi inni in dheekkama,**
**Isinis karaa kanatti baduu Keessan;**
**Dheekkamsi isaa dafee in boba'a o!**
**Warri isatti kooluu galan haa gammadan!**

**2:10-12** duraa fi aantee isaa IMPERATIVE isaa hubadhu, akka faarfatichaatti (jechuun, Daawit, HoE. 4:25), YHWH tti yeroo dubbatu, warra biyya lafaa kana seerratan of-eegachiisa, isaa wajjin wal arguudhaaf akka qophaa'an (Fak. 8:12-21).

1. Hubachuu (hubannaa) – BDB 968, KB 1328, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Ifaata fudhadhaa – BDB 415, KB 418, *Niphal* IMPERATIVE
3. Gooftaaf bitamaa – BDB 712, KB 773, *Qal* IMPERATIVE
4. Ra'aaditti gammadaa – BDB 162, KB. 189, *Qal* IMPERATIVE
5. Mucaa isaa kabajuudhaan simadhaa ("dhungachuu") – BDB 676, KB 730, *Piel* IMPERATIVE

**2:12 "Mucaa isaa"** hiika kana irratti shakkiin ta'e jira. Jechi Ibirootaa "Mucaa"בן (BDB 61), lak. 7 irratti faayidaa irra ooleera ha ta'u malee bakka kanatti בר dha (BDB 135, jechuun, jechi Aramayikii "Mucaa," dhaaf Fak. 31:2 [yeroo sadii]), innis Ibirootaan hiiki isaa "qulqulluu" ta'u kan qabuu (BDB 141 II, Far.24:4, 73:1, Iyoob 11:4, Fakk. 14:4). NRSV, NJBlak. 11a-12A kan hiikan "oll'annaadhaan miilla isaa dhungadhaa" kan jedhuuni. UBS proojektii barreefamaa (fuula 164) "mucaa isaa kabajuudhaan fudhadhaa" kan jedhu kenna, sadarkaa "B", (jechuun, shakkii muraasa).

Beektootni tokko tokkoo kan isaan tilmaaman lak. 11-12 kan ilaalatan saba naannichaa waaqa tolfamaa waaqeffatan amma ta'e jirutti, ta'I jedhee jijjiraa ta'e godhameera, Ibirootа irraa "mucaa" gara "Mucaa" "Aramaayikii" walummaa galii isaa "kan bitamuu" dhiibbaan isaa ifaa dha, ammam illee tarreefama qooqaa yoo ta'uu baates!

▣ **"Isinis karaa irratti akka hin badneef,"** inni tokko ajaa'ibsifachuu danda'a, jechi lammanuu "baduu" (BDB 1, KB 2) fi "Karaa" (BDB 202) akka tasaa Faarfannaa 1 irratti faayidaa irra oolu isaanitiin. Amantan kitaaba qulqulluu kan walitti dhufeenya guyyaa guyyaati, YHWH dhaa fi Masihii wajjin. Yesus dhugumatti Faarfannaa 1 fi 2 fayyadameera, Mat. 5-7 tarreefamni yaada ijoo, keessumati 7:13, 21-23, 26-27.

▣ **"Isatti kan amanatan hundumtuu kan gallateefamanii dha."** Kan faarfannaa 2 galima dhumaa kan faarfannaa 1 galima jalqabaa wajjin walitti dhufeenya qaba, tooftaan barreeffamichaa Inkulisihoo kan jedhamu ta'a. Akkasumas, Far.1 hama Far.2tti kan rammaddii barreefama tokkoo akkataa hojii qabaatu (HoE. 13:33). Talmuud kan jedhu Faarfannaa 1 fi Faarfannaa 2 faarfannaa tokko ijaaru (B. Ber. 9B-10A). Amanaa dhugaan YHWH kan sodaatuu fi ibsa isaa kan kabaju galateeffamaa dha! Amantiidhaa fi amanamummaan wal duukaa deemuutu irra jiraata. Tolaa ta'uudhaaf qulqullaa'uun adda adda ba'uu hin danda'an!

Lammanuu Faarfannaa 1:1 fi 2:12 kan mirkanneessan fillannoo namaatii fi gocha namaa irratti. Amantaan kitaaba qulqulluu kan bara jireenyaatii fi kan amantaa fi kan adeemsa abboomamuuti.

YHWH n fakiiduu heedduudhaan ibsameera, akka bakka iddoo fayyinaatti wabii fi boqonnaa. Nu amanachuu/itti dhi'aachuu in dandeenya

1. Kattaa – Kes. 32:37, 2Sam. 22:2, 3, Far.18:2
2. Daannoo – 2Sam. 22:2, Far.144:2
3. Iddoo dhokannaa– Far.18:2, 62:2, 144:2
4. Oolchaa– 2Sam. 22:2, Far.144:2
5. Gaachana – Uma. 15:1, 2Sam. 22:3, Far.3:3, 18:2, 144:2, Fak. 30:5
6. Gaanfa fayyinaa – 2Sam. 22:26, Far.18;2, 75:10
7. Haadha simbiroo- Far.17:8, 36:7 (akkasumas Kes. 32:10-11), 57:1, 63:7, 91:4 yaadannoo ilaali.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun maaliif akka Masihiitti fudhatame?
2. Ormonni kan naannootimoo yookiis addunyaa hundumaa of- keessatti qabata?
3. "Kan dibame" kan jedhu ibsi lak. 2 irratti.
4. "Kan isaa kan dibame" fi mucaan tokkoo?
5. Kun Yesuusin kan argisiisu yoo ta'ee, lak. 7 kan inni argisiisu akka uumameetti?

# FAARFANNAA 3

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyoon abdachuun kadhata ganamaa<br><u>Seensa MT kan qabu</u><br><br>Faarsaa Daawiit ilma isaa Abeseloom jalaa yeroo baqate (2Samu'eel 15-16) | Waaqayyo saba isaa isa rakkate ni gargaara | Diina dhuunfaa irraa ooluuf kandhata (boo'icha) | Kadhata ganama ganamaa | Kadhata qajeelaa ganamaa isa yeroo gidiraa |
| 3:1-2 | 3:1-2 | 3:1-2 | 3:1-2 | 3:1-2 |
| 3:3-6 | 3:3-4 | 3:3-4 | 3:3-4 | 3:3-4 |
| | 3:5-6 | 3:5-6 | 3:5-6 | 3:5-6 |
| 3:7-8 | 3:7-8 | 3:7 | 3:7-8 | 3:7-8 |
| | | 3:8 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 3:1-2

**1 Yaa Waaqayyo, diinonni koo attam baay'ee dha!**

**Baay'een kan ana irratti ka'an jiru.**

**2 Baay'en waa'ee koo in dubbatu,**

**"Inni Waaqayyo biraa gargaarsa**

**Hin qabu" in jedhu.**

**3:1-2** Faarfatichi kan ittiin qabame diina isaatiin kan marfame fakkaata (BDB 865 III).

1. Dabalaa deemaniiru (Lak. 6)
2. Ol ka'aaniiru
3. Dubbachaa jiru

"Baay'ee" kan jedhu fayyadama sadan isaanii hubadhu (BDB 9121). Tolooni Waaqayyoon kan sodaatani illee rakkoo qabaatu (amansiisaa fi nuura) biyya lafaa kufe kanatti. Faarsonni warra dubbisaniif akkaataa waa itti ilaalaan kennuu yaalu (jechuun, ija amantaa, 2Mot. 6:17). Yaadannoon faarfatichaa kan inni ibsuu argamuu YHWH ti fi kunuunsuu dha!

Inni tokko ajaa'ibsiifachuu danda'aa wawwaannaa isaan kanaa akkimitti akka hojjetu

1. Yeroo keenyatti
2. Garee amantii keenyaatiin

Nuu wajjin kan wali hin galle diina Waaqayyootii? Ani kanan yaaduu Faarfannaan akkaataa fooyya'iinsa fayyadamaa amantiidhaaf akka jecha jajjabeesuuti/Waaqayyootti amanachuu malee nu wajjin kan wali hin gallee kan ittiin warannu ta'uu hin qabu! Diinni keenya dhugaan waaqa keenyaa fi Kristoosiin kan hin simatinii dha!

**3:2 "Lubbuu koo"** kun kan jecha Ibirootaa Nefiishi dha (BDB 659, KB. 711-713), innis kan inni ibsuu kan qilleensa hafuura baafatu qilleensoota (jechuun, jecha Ibirootaa irraa qilleensaa fi hafuuraa wajjin kan adeemu. Innis faayidaa irra kan oolu mucaa namaatiif (Uma. 2:7) fi bineensoota (Uma. 1:24, 2:19).

Namoonni lammanuutiin qaama uumama kanaa fi bifa uuma fi fakkaati isaati kan uumaman (Uma. 1:26-27). Nu lammanuu qabna, qabiyyee fooniiti fi qabiyyee hafuuraa.

▣ **"Basaastuu"** jechi kun warra guddatan irratti ta'u isaa hubadhu, walumaa galatti dura buutoota faarfattootaaf, Far.3:2, 4, 8. Hiddi isaa amansiisaa miti. Asitti yaad-rimmeewwan tokko tokko jiru.

1. Farda jalatti "Faarfannaa"
2. Ibiroota irraa סלל (BDB 699) "Kaasuu," jechuun, qooqa sagalee guddaa
3. Ibiroota irraa נצח (BDB 663) hiiki isaa "yeroo hundumaa," kan inni tajaajilu akka "ameen" dha
4. LXX kan inni ibsu meeshaallee muziqaa gidduu seenuu dha

Yaad-rimmeewwan kana hundumaatti wanti ifaa ta'e warri ammayyaa faarfatichi maal akka argisiisu beekuu dhiisuu isaati. Innis MT yeroo 70 fi LXX yeroo 90 ol faayiidaa irra ooluu isaati. Seensa Faarfannaa VIII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA:3:3-6

3 **Ati garuu Yaa Waaqayyo,**

**Naannoo kootti gaachana anaaf**

**In taata; Ati ulfina kooti,**

**Mataa koos ol ol in qabda.***

4 **Ani sagalee koo ol fuudheen**

**Waaqayyoon waammadha,**

**Inni immoo tulluu isaa isa**

**Qulqulluu irraa deebii anaaf in kenna*.** **Selah.**

5 **Ani nan ciisa, nan rafa,**

**Waaqayyo waan ol na qabuuf**

**Deebi'ee nan dammaqa*.**

**6Ani warra kumaatama**

**Ana irratti ka'anii na marsan hin sodaadhu*.**

**3:3-6 "Gooftaa koo"** mata-duree addaa ilaali: maqoota hafuuraa; Far.1:1 irratti.

▣ **"Atii…siidha"** faarfatichi nuura eenyumaa YHWH fi hojii mul'isa, amantootaaf.

1. Gaachana, Lak. 3 – Uma. 15:1; Kes. 33:29; 2Sam. 22:3; Far.28:7, 33:20, 59:11, 119:114, 144:2 (dabalataanis 1Phex. 15 ilaali)
2. Ulfina koo, lak. 3 – Far.62:7
   a. Ulfina
   b. Mo'icha (TEV)
3. Mataa koo k an ol qabu, lak. 3
   a. Mo'icha lola irratti
   b. Mana murtiitti abbaa seeraatiin beekamti argachuu
   c. Du'a irraa fayyuu
4. Kadhata koo naaf dhaga'eera, lak. 4
5. Na utuba, lak. 5
6. Akkan hin sodaanne godha, lak. 6

**3:4 "Gara Waaqayyootin iyyee"** kadhanaan kun kadhannaa gargaarsaati Far.3:7 A ta'uu danda'a. "Na dhaga'e" bua'aa jedhu, 3:7 B-8 irratti argama.

▣ **"Tulluu isaa isa qulqulluu irraa"** kun kan inni argisiisu mana qulqulluummaati, murna Kakuu Moofaan, YHWH n kochoo *Kirubeel* gidduu gabatee kakuu irra kan itiin jiraatu. Kunis samii fi lafa (kan hafuuraa fi kan foonii) bakka isaan itti wal arganii dha!

**3:5** rafuun ni danda'ama, argamuu YHWH irraan kan ka'e, nagaa fi eegamuu (Far.4:8, Fak. 3:24). Faarfannaa 3:5A ciigoo hiriba halkanii boqonnaa qabu! Kunis ni danda'ama, inni tokko YHWH irratti amantii inni qabuu fi amanamummaa, isaan argamuuf, abdii isaan, amala isaan!

**3:6** kun kan gurra guddachuu, qooqa ciigooti. "A'ilaf" jechi jedhu (BDB 914) ciigoo loltuu lakkaa'aamuu hin dandeenyeeti. Kan lak. Baay'ee (akkasuma) isuma kana jabeessa (Kes. 33:2, 17, 1Sam. 18:7, Mik. 6:7).

## MACAAFA FAARFANNAA: 3:7-8

**7 Ka'I yaa Waaqayyo, na gaargaari yaa gooftaa ko!**

**Ati diinoota koo hundumaa mangaagaa in rukukka,**

**Ilkaan warra jal'ootaas in caccabsita.***

**8 Gargaarsi Waaqayyo bira jira;**

**Eebbi kee saba kee irra haa jiraatu! Selah.**

**3:7** lakkoofsi kun kan inni jalqabu xiyyaafatoo lama irratti (jechuun, gaaffilee kadhannaa).

1. Ka'ii – BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE, YHWH akka hojjetu bifa jabeessani gaaffachuun faayidaa irra kan oole Lak. 10:35, Far.7:6, 9:19, 10:12, 44:26, 68:1, 74:22, 82:8, 132:8, diini akka "ka'e," amma immoo YHWH n akka ka'u faarfattichi waamicha dhi'eessa (jechuun, teessoo isaa irratti)!
2. Fayyissi – BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE, innis Kakuu Moofaatti kan inni ibsuu qorumsa irraa, dhiphina, dhimmoota biyya lafaa irraa oolu dha (Far.3:8)

## Mata duree addaa: Fayina (Fayyuu)

Jechi kun (BDB 447) hiikaawwan hedduu qaba.

1. Fayina, badhaadhummaa, Iyo 30:15
2. Fayina waaqa irraa innis fayina foonis ta'e kan hafuuraa kan ilaallatu
   a. Uuma. 49:18
   b. Kes. 32:15
   c. Faar. 3:2, 8; 22:1; 35:3; 62:2; 69:29; 70:5; 78:22; 80:3; 89:26; 91:16; 106:4; 140:7
   d. Isay. 12:2; 33:2; 51:6, 8; 52:7, 10; 56:1; 59:11; 60:18; 62:1
3. Fayinni foonii fi hafuuraan fayyuu Yona 2:9-10 irratti mul'inatti kaa'ameera
4. "Ni gammadan"inni jedhu yeroo mara fayisuu Waaqayyoo waliin kan wal simuu dha, 1Sam. 2:1; Isay. 25:9; 26:1; Ps. 9:14; 13:5; 35:9

Kaayyoo Waaqayyoo isa guddaa inni ta'e fayinni nama inni uumee faana akka ta'u argisiisuu isaa ti. Innis guutummaa dhunfaa fi hawwaasaa kan hammatuu dha!

⊡ **"Rukkuteeta hoo…..cabsiteetta"** oolchuu YHWH humnaan fida, dinoota faarfattichaa irratti.

1. Rukkutteeta hoo – BDB 645, KB 697, *Hiphil* PERFECT
2. Cabsitteeta hoo – BDB 990, KB 1402, *Piel* PERFECT
   "Mangaagaa" (BDB 534 1) fi "Ilkaan" (BDB 1042 1) ciigoo boqonnaafi mo'amuuti (1Mot. 22:24, Iyoob 16:10; Far.58:6; Mikiyas 5:1). Innis keessaa iyyuu kan inni eeru jecha jibba isaaniiti (Lak. 2).

**3:8** gochamoonni homtuu hin jiran, Far.3:8 irratti. Yeroo hundumaa kan kitaaba qulqulluu Ibirootaa "kan ta'u" gochama dubbiisaadhaan kan dabalamee dha.

⊡ **"Selah"** Far.3:2 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**3:9** wawwaanaan nama dhuunfaa haala wali gala callaqisiisuudhaan akkamitti faayidaa irra akka oole hubadhu (jechuun, "saba kee," kan lak. 9, Far.25:22; 28:9). YHWH n fayyummaa/ooluu kan inni fiduu namoota gaafatan qofaaf miti, ta'us garuu saboota gaaffataniifis malee (jechuun, 2Sen.7:14).

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Diinonni eenyuu isaan?
2. Isaan fayyisuu YHWH maaliif ganan?
3. "Ka'I" xiyyaafannoon jedhu maal jechuu dha?
   Kan Yesus duubessii yaadaman maalii dha?
4. "Seelay" maal jechuu dha?

# FAARFANNAA 4

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhannaa galgalaa Waaqayyooti amanachuu<br><br>Seensa MT kan qabu "Angafa farfattootaatiif " faaarsaa Daawit meeshaa ribuu qabuu | Fayyina anama amanamaa | Diina dhuunfaattii ooluuf kadhata (boo'icha) | Gargaarasa kadhata halkanii | kadhata halkanii |
| 4:1 | 4:1 | 4:1 | 4:1 | 4:1 |
| 4:2-3 | 4:2-3 | 4:2 | 4:2 | 4:2 |
| | | 4:3 | 4:3 | 4:3 |
| 4:4-5 | 4:4-5 | 4:4-5 | 4:4-5 | 4:4 |
| | | | | 4:5 |
| 4:6-8 | 4:6-8 | 4:6-7 | 4:6-7 | 4:6 |
| | | | | 4:7 |
| | | 4:8 | 4:8 | 4:8 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**Tarreefama gabaabaa yaada ijoo**

A. Kadhata bantuu Waaqayyoodhaaf, lak.1

B. Dinoota kan ilaalatu, lak. 2-3

C. Waaqayyoo irraa deebii ta’uu qabuu kan gaaffatu, lak. 4-5

D. Kadhata xumuraa Waaqayyoof, lak. 6-8

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA:4:1

**1 Yaa Waaqayyo isa dhugaa anaaf baaftuu,**

**Yeroon si waammadhu anaaf deebisi!**

**Yeroo ani muddama keessa turetti, ati keessaa na baafteetta;**

**Ati araara anatti argisiisi!**

**Kadhata koos anaaf dhaga'i!**

**4:1** Waaqayyoon kadhachuudhaaf faayiidaa irra kan oolan xiyyafanoowwan hubadhu.

1. Anaaf deebise – BDB 772, KB 851, *Qal* IMPERATIVE,, Far.27:7
2. Anaafis ayyaana isaatiin anaaf ta'e – BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE,, Far.25:16, 69:16
3. Kadhata koos dhaga'e – BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE, Far.17:6, 39:12

Faarfattichi Waaqayyo akka isa dhaggeefatuu fi akka hojjetu abdii godhateera (Far.3:4, 6:8, 9, 17:6, 86:7)! Kadhatni gaaffii qofa miti, inni tokkummaadhas! Isa ni feena, gaaffiilee nu deebi'an caalaa!

▣ Faarfattichi amala Waaqayyoo akkamitti akka inni ibse hubadhu.

1. Waaqa dhugaa anaaf baaftuu (mata duree addaa Far.1:5 irratti)
2. Waaqa rakkina keessaa na baaftuu

Bak-buusii maqaa heedduun lakkoofsa dursan kana lamaan irratti argamu! YHWH n qofaa isaa "kan tolaa" burqaa dha, nagaa kan fidu, (lammanuun, Foonii fi hafuuraan)!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"na bal'isa"** |
| **NRSV,LXX** | **"bakka naaf kenna"** |
| **NJB** | **"bal'inatti na jiraachisa"** |
| **JPSOE REB** | **"bilisa na baasa"** |

Jechi Ibirootaa (BDB 931, KB 1210, *Hiphil* PERFECT) ciigoo bakka bal'aa ta'eeti (Far.18:19), "kan dhorkuu" faallaan isaa (jechuun, hacuuccaa, rakkina, karawwan dhiphoo, BDB 865, "dhiphina"). Amalli fakkiiduu isaa mul'achuu danda'a, Uma. 26:22; Kes. 33:20; Far.25:17; Isa. 54:2, 57:8 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA:4:2-3

**2 Yaa jarana, isin hamma yoomitti**

**Lfina koo salphiftu?**

**Hamma yoomitti dubbii waa'ee hin baafne jaallattu?**

**Hamma yoomittis soba faana dhooftu?**

**Selah.**

**3 Garuu Waaqayyo warra kan isaa ta'an, addaan akka baafate beekaa!**

**Waaqayyo yeroo ani isa waammadhutti anaaf in dhaga'a;**

**4:2** Barreesichi yoomessa wal faalleessan kan inni guddisu gaaffilee lamaani dha, kan morman irratti kan xiyyaafatu.

1. Itti qoosuu/qaaneessuu - BDB 484
2. Akkasumaan ta'u/jecha akkasumaani - BDB 938
3. Dogogorsuu/soba -BDB 469

Waaqayyo "tola koo" jedhee akka waame, Far.4:1 irratti, ammas miidhaa faarfattichaa kan isaan godhan gar tokkootti fiduu isaanii, yaada isaanii, fi hojii isaanii akka ibsu waamameera.

▣

**NASB** **"ulfinni koo qoosa ta'e"**
**NRSV** **"ulflfinni koo qaaniif ta'e"**
**NJB** **"lapheen koo natty ulfateera"**

NJB LXX duukaa bu'a, innis wali galatti barreefama Ibirootaa adda ta'ee irraa kan hiika MT caalaa. UBS pirojektiin barreefamaa (fuula 165) MT f  sadarkaa"C" kenna (shakkii sababaan).

▣ **"Seelay"** yaadannoo ilaali, Faarfannaa 3:2 irratti.

**4:3** Dinoonni isaa gaaffii faarfatichaaf akkamitti deebii kennan, lak. 2?

1. Gooftaan rammadamuu ni beeka (*Qal* IMPERATIVE) (LXX, "Isa qulqulluuf wantoota ajaa'ibsiisaa hojjeta" NJB, NEB) ofii isaf nama gaarii (UBS pirojektiin barreefamaa sadarkaa inni nu kennu "A" dha [haala baay'ee ol jedhaa ta'e])
2. Waaqayyo nama gaarii dhaga'a (BDB 339) yeroo kadhatu

YHWH n amantoota isaa dhugaa ni beeka, deebiis ni kenna. Isaaniin miidhuun isa miidhuu dha!

## MACAAFA FAARFANNAA: 4:4-5

4 **yoo aartan iyyuu, cubbuu hin hojjetinaa!**

**Yeroo gab jettani siree**

**Keessan irra jirtanitti,**

**Kana garaa keessanitti itti yaadaa*!** **Selah.**

5 **Aarsaa isa qajeelaa dhi'eessaa!**

**Waaqayyotti amabnattaniis isatti dhiisaa*!**

**4:4-5** duraa fi aanteen abboomootaa ni argamu, faarfattichi kan inni tarreessu, diinni isaa akkam ta'uun akka isa irra jiru (jechuun, "Yaa Ijoollee namaa," lak. 2).

1. Nii raafaman -BDB 919, KB 1182, *Qal* IMPERATIVE
2. Cubbuu hin hojjetinaa-BDB 306, KB 305, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaan faayiidaa irra kan oole
3. Laphee keessanitti yaadaa (dubbadhaa) - BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERATIVE, Far.77:6
4. Cal jedhaa - BDB 198, KB 226, *Qal* IMPERATIVE
5. Nama of kennaa - BDB 256, KB 261, *Qal* IMPERATIVE
6. YHWH amanaa - BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERATIVE, Far.37:3, 62:8

**4:4** lakkoofsi gara olii jiru lamaan Phaawulosiin eerameera, Efe. 4:26 irratti, Kes. 24:15 wajjin wal makee, "Dheekamaa, cubbuu hin hojjetinaa," innis LXX irraa kan ta'e. MT "Ol'adhaa" kan eeru (Isa. 32:11, Mik. 7:17; Imb. 3:16), dheekamsa osoo hin taane.

▣ **"Cal jedhaa"** jechichi (BDB 198, KB 226) fayyadamoota heeddu qabu.

1. Sobaa waraanaa –Bau. 15:14-16
2. Firdiidhaan cal jechuu –2Sam. 2:9
3. Du'aan cal jechuu –Far.31:17; 94:17; Erm. 48:2, 49:26
4. Badiisaan naasifamuu, cal jechuu – Erm. 25:37
5. Cal jechuu ogummaa yeroo ta'uun irra jirutti – Far.4:4; 62:5, 131:2, Amos 5:13

▣ **"Seelay"** Faarfannaa 3:2 irratti yaadanno jiru ilaali.

**4:5 "Gooftaatti amanaa"** kun ergaa irra deddeebi'amee dha (BDB 105, KB 120).

1. Waamicha cubbamootaaf – Far.4:5
2. Waamicha warra amanamaniif –Far.9:10, 32:10, 37:3, 5; 40:3; 55:23; 56:4, 11; 84:12; 91:2, 112:7; 115:11; 125:1, 143:8; Fak. 16:20; 29:25, Isa. 26:3-4
3. Mootii – Far.21:7, 25:2, 26:1, 28:7
4. Abboota –Far.22:4-5
5. Sabootaa –Far.62:8; 115:9
6. Luboota –Far.115:10

YHWH fi dubbii isaatti amanuu dha, abdii kan fidu (Lak. 3), Gammachuu (Lak. 7), fi Nagaa (Lak. 8) addunyaa kanaan kufe.

**MACAAFA FAARFANNAA:4:6-8**

**6 Namoonni baay'een, "Eenyutu waan gaarii**
**Nutti argisiisa?" in jedhu;Yaa Waaqayyo, ati ifa fuula**
**Keetii nu irratti ol kaasi*!**
**7 Isa warri kaan midhaan isaanii fi**
**Daadhii waynii isaanii baay'ee**
**Irraa argatan caalaatti,**
**Ati gammachuu caalu garaa koof kenniteetta.**
**8 Yaa Waaqayyo,akka ani qoofniitti sodaa malee**
**Jiraadhu situ godha;**
**Kanaafis ani akkuman ciiseen nagaatti nan rafa*.**

**4:6-7** akka lakkoofsa 2, lakkoofsi 6 gaaffidhaan jalqaba, innis yaalii diina faarfatichaa, yaada isaa keessaa, fi gocha kan callaqisiisu.

Deebiin isaa gaafficha (*Qal* IMPERATIVE), YHWH "Ifni fuula kee nurratti beekame" (Lak. 6:26, Far.80:3, 7, 19). Kun ciigoo hafuuraati, amanamaaf (Lak. 5B) tajaajiltooni ilaalcha dhuunfaa akka fudhatuu fi haraara isaa akka baay'isuu (Far.27:1, Mikiyas 7:8). YHWH

1. Laphee faarfatichaa irra gammachuu kaa'aa
2. Laphee faarfaticha irra nagaa kaa'aa
3. Laphee faarfatichaa irra fayyina kaa'aa

Lak. 6:26 irratti "Ni kaasa" gochamni jedhu נשא dha, BDB, 669, asitti garuu נסה dha (KB 702). Walumaa galatti isaan hidda tokkoo fi bifa lamaa dha (BDB. 650, KB 702, Macaafa Qulqulluu NET fuula 853, Lak. 6).

**4:7 "Laphee"** gara gadii kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: LAPHEE

Jechi Giriikii "*kardia*" jedhu Hiika beektoota torbaatamaa fi Kakuu Haaraa keessatti, jecha Ibrootaa "*lēb*" jedhu calaqqisiisa (BDB 523). Innis Karoolee hedduun tajaajila (cf. Bauer, Arndt, Ginerich and Danker, *A Greek English Lexicon*, jedhu fuula 403-404 ilaali).

1. bakka bu'ee namaa, handhuura jireenya fooniiti (cf. HoE 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaq. 5:5)
2. buura jireenya afuuraati (fakk.. haamilee)
   a. Waaqayyo laphee (namaa) beeka (cf. Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
   b. Jireenya Afuura namaaf tajaajila (cf. mat. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22)
3. bu'uura jireenya yaaduuti (fakk. beekumsa, cf. Mat. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom. 1:21;

10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7; lapheen sammuu walfakkaata, 2Qor. 3:14-15 fi fil. 4:7)
4. bu'uura tarkaanfii fudhachuuti (volition) (fakk.. fedhii (will), cf. HoE 5:4; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7)
5. bu'uura miira (cf. Mat. 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efe. 6:22; Fil. 1:7)
6. gochaawwan Afuuraaf bakka adda ta'edha (cf. Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 [fakk.., Yesuus laphee keenya keessa buluu isaa, Efe. 3:17])
7. lapheen bakka bu'ee guutummaa nama tokkoo sadoomii ibsudha (cf. mat. 22:37; kan Seera Keessa Deebii 6:5 irraa fudhatame). Yaadni, kaka'umsi, fi gochoonni laphee namaan gumaatan guutummaan nama dhuufnfaa tokko ibsu. Kakuu Moofaa jecha kanaaf tajaajila adda addaa qaba.
   a. Seera Keessa Deebii 6:6; 8:21 "Waaqayyo garaa isaatti gadde" Hosea 11:8-9 irras jira
   b. Seera keessa Deebii 4:29; 6:5, "laphee keessaniifi lubbuu keessan hunda"
   c. Seera Keessa Deebii 10:16 Garaan hin kitaanamne" fi Rom. 2:29
   d. Hisq. 18:31-32 "laphee haaraa"
   **e.** Hisq. 36:26, "laphee haaraa" walsi (vs) "laphee dhagaa"

▣ **"Miidhaan haaraa"** *Kitaaba Yaadannoo UBS* (fuula 47) kan inni eeru kan Ibirootaa MSS, garba du'aa maraamaan kan argame, akkasumas LXX I Vaalget "dibata Ejersaa" ni dabalu, "Midhaan" boodaa fi "waynii haaraa" dura, innis Kes. 7:13, 11:14, 12:17, 14:23, 18:4. 28:51 kan dhufee ta'uu kan danda'u.

▣ **"Waynii haaraa"** gara gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali.

## Mataa duree addaa: wayiini fi dhugaatii jabaa

I. Jechotaa macaafa Qulqullu
  A. Kakuu mofaa
    1. *Yayin* -kun jecha waligalla wayiiniti, innis yeroo 141 fayidarra olee (BDB 406). Hundeen jechaa kana sirritti hin beekamu, sababni isaas hundeen jecha ibirootaa waan hin taneef. Innis kan inni ta'uu dhangaga'aa cunfaa kuduraa fi muduraa, yeroo baay'ee wayiini dha.Dubbisa murasa kan ta'e Uuma.9:21, Seera ba'u.29:40, Seera Lakk.15:5, 10.
    2. *Tirosh*- kunnis guushi dha "daadhii waynii". Garaa bahaa ti halaa qillensaa irraa kan ka'ee, cuunfan wayini erga qopha'ee bodaa kan inni dhangagga'uu jalqabuu sa'aa 6 bodaa dha. Jechii Kunnis kan agarsisuu ademsa dhangaga'uurra wayinii jiruu dha. Dubbifama sirriin Kun Keessa deebi.12:17, 18:4, Isaayas. 62:8-9, Hosee.4:11 ilaali.
    3. *Asis* - kun dhugaati alkolii dha (Iyu'eel1:5, Isayaas 49:26) (BDB).
    4. *Sekar* - kun "dhugaati cimaa" dha (BDB 1016). Innis waan itti dabalamuu tokko jiraa akka nama machesuuf. Jecha ibirootan" machii" ykn" machaa'aa" kan jedhuu fayyadamuu. Akka nama macheessu taasisuuf waanta itti dabalanu qaba ture. *Yayin* kan jedhu irraa bukkoo dha (Fak. 20:1; 31:6; Isa. 28:7).
  B. Kakuu Haraa
    1. *Oinos* - jecha Giriikii yayiin wajiin wal gita (Fak.20:1, 31:6, Isaayas 28:7)
    2. *Neos oinos (*guushi wayinii) gita Girikii Tirosh (Mar.2:22)
    3. *Gleuchos vinos* Vinoos (wayinii minya'aa, Esiis) – Wayinii haraa reef ga'aa jiruu (Hoji Erg.2:13).
II. Ittiffayyadama Macaafa Qulqulluu
  A. Kakuu Mofaa
    1. Wayniin kenna Waaqayyoo dha. (Uma 27:28, Far.104:14-15, Mik.9:7, Hos 2:8-9 Iyu 2:19, 24; Amo 9:13, Zak.10:7)
    2. Wayinin kennaa haarsa keessa qaama isaa tokkoodha. (Keess.deebii 29:40, Lewoota.23:13, Seera Lakk.15:7, 10, 28:14 Keessa deebi 14:26 Abota Firdi 9:13).
    3. Wayinin akka qorichaatti ni tajajilaa (1Sam 16;2 Macaafa Fakk.31;6-7)
    4. Wayinin rakkoo qabatama ta'uu ni danda'aa (Nohi- Uumama. 9:21, Looxi- Uumama 19:33, 35, Samson Abbota Firdii16:19 Naabal- 1Sam.25:36 Oriyo 2 Sam.11:13, Aminoon 2Sam.13:28 Ilaah Mot isa 1 20:12, Bitoota- Amots.6:6 fi dubartoota- Amots.4).

5. Wayinin yadaa nama walin dhahuu danda'uusa akkekachisaa wajiin walitii firomaa (Macafaa Fakk.20:1, 23:29-35, 31:4-5 Isaayas. 5:11, 22, 19:14, 28:7-8, Hoseey.4:11)
6. Wayinin namoota muraasaf dhorkaa dha (lubooootaf Lewoota.10:9, Hizira 44:21, Nazirawootaf, Seera Lakk.6 fi bulchitoota Macafaa Fak.31:4-5, iIsaayas.56:11-12, Hose7:5)
7. Wayiniin akka dhufaati xumurichati fudhatamera (Amots.9:13, Iyu'eel:3:18, Zak.9:17)

B. Haftee macafaa Qulqquluu

1. Wayniin yoo hammasaa xiqqessani fayadaman ni gargaraa. (Lal.31:27-30).
2. Barsistoni akkas jedhuu "wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu.'' (BB 58L).
3. Wayiniin bishaan wajjiin walitii makamee midhaa hin qabu, garuu minya'ina qaba, gamachuus ni dabala (2Macc 15:39).

C. Kakuu Haraa

1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat.11:18-19, Luq.7:33-34, 22:17).
3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan ( Ho.Erg.2:13)
4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar.15:23, Luk.10:34, 1 Xim.5:23).
5. Geggessitooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1Xim.3 :3, 8, Tiito.1 :7, 2 :3, 1Phex 4 :3)
6. Wayinin tajajilaa amantiif ni garagara (Mat.22 :1, Mulata.19 :9)
7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat.24:49, Luk11:45, 21:34, 1Qor.5 :11-13, 6 :10, Gal.5:21, 1Phex.4:3, Rom.13 :13-14).

III. Hubannoo kan Og-Waaqummaa

A. Waliin mormii faallaa

1. Wayiniin kennaa Waaqqayyo dha.
2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
3. Fakkenyii kenya kiristosii (Mat.15 :1-20, Mar.7 :1-23, 1Qor 8 :10, Rom14 :1-15, 13)

B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu

1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
2. namnii wan waqayyoo kennef callati fayyadmuun ballesera

Akka malee fayyadamuu irratii malee wantota irra mitii, rakkoon foon uumama irra hin jiruu (Rome.14:14, 20).

IV. Aadaa warra Ibrootaa kan jaarraa jalqabaa akkaataa itti danfisan

A. Dhangaga'u kan eeggalu battaluma sanati, tilmaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate, keessumatuu haala qillensa ho'aa fi qulqullini isaa hin eggamnee keessati.
B. Akka aadaa Yihudotaati erra keessa isaatti harofaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu ( milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii mabaa wayinii kenuuf ga'aa jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7).Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.
C. Kanlammaffaaguyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka "wayinii dulloometi" lakka'ama,
D. iddoo arsaa irratis arsaaf ni dhihataa (*Edhuyyoth* 6:1).
E. Sefaafu irratii wayinii ittite (wayini dullome) akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba
F. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaan sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf.Innis "Wayinii dullome" wayinii jedhama.
G. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi mihesituu itti dabaluun dhangagaa'umaa isaa hirisuun danda'amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

V. Ibsa xumuraa

A. Shakalli kee, kan Og-Waaqummaa fi Kan hiikaa Macaafa Qulqullu kan Yesusiif kan amantoota jaarraa jalqabaa yookiin aadaa kiristaanummaa akka hin tuffachiifne of eeggadhu. Jarri gonkuma kan dhugaatii hin qammansne miti.
B. Ani fayyidaa alkooliin uummataam qabuuf kann falmu miti. Baay'een kana irratti yaada Macaafa Qulqulluu waan hoo'iisaniif akkasuma olaantummaa qajeelina irratii kan hundaa'e aadaan/ hundee

amantii irratti kan qabu kan qoqqobu waan ta'eef.

C. Anaaf Roma 14 fi 1Qor 8-10 jaalalaa fi kabaja irratti kan hundaa'e qabiyyee fi qajeelfama naaf kennu. Kunis amantootaaf tatamsa'ina wangeelaatiif aadaa hundumaa keessatti, bilisummaa kan dhuunfaa utuu hin ta'in. Macaafni Qulqulluun kophaa isaa gochaa amantiif madda erga ta'ee egaa hundumti keenya waa'ee kana erra deebinee ilaaluu qabna.

D. Of dhowwuu akka jaalala Waaqayyootti yoo fudhanne, waa'ee Yesus maal jenna? Akkasuma waa'ee aadaawwan bara kanaa akka dhaabbataatti waayinii warra fayyadamanu (fakkeenyaaf, Awuroopaa, Israa'eel, Arjantiinaa)

**4:8**
**NASB, NKJV**
**NRSV, REV,**
**NJB** **"yaa gooftaakoo, ati qofti nagaatti na bulchiteeta."**
**TEV, JPSOE (yaadannoo miilla jalaa)** **"yaa gooftaa koo, ati qofti, nagaatti na bulchiteeta."**

"Qofaa" jechi jedhu (BDB 94) jabeessuu kan inni danda'u

1. Gooftaa
2. Duuka buutuu amanamaa, innis qofaa isaa kan ciisu (jechuun, diina homaa hin qabu)

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "Ijoolleen namaa" warra kamii dha? Akkamitti amalli isaani kaafame?
2. Gochamni Ibirootaa "beekuu" hiikonni isaa adda addaa eenyufaadha?
3. Lakkoofsa 4 jecha mataa keetiin ibsi.
4. Lakkoofsa 6 irra kan jiran "Warra baay'ee" isaan kamii dha?

# FAARFANNAA 5

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Hamaa irraa eegamuuf kadhata<br>Seensa MT kan qabu<br>Geggeessaa farffattootaaf faarsaa Daawiit Ululleetiin | Kadhata Geggeeffamaa | Diinota dhuunfaa irraa oolfamuuf kadhata (Boo'icha) | Eegamuuf kadhata | Kadhata ganamaa suubii |
| 5:1-3 | 5:1-3 | 5:1-3 | 5:1-3 | 5:1-2 |
| | | | | 5:3 |
| 5:4-7 | 5:4-6 | 5:4-6 | 5:4-6 | 5:4-5a |
| | | | | 5:5 b -6 |
| | 5:7-8 | 5:7-8 | 5:7-8 | 5:7 |
| 5:8-10 | | | | 5:8 |
| | 5:9-10 | 5:9-10 | 5:9-10 | 5:9 |
| | | | | 5:10 |
| 5:11-12 | 5:11-12 | 5:11-12 | 5:11-12 | 5:11 |
| | | | | 5:12 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 5:1-3

**1 Yaa Waaqayyo, gurra kee gara dubbii kootti qabi,**
**Isa ani hasaasee sitti himadhus yaadatti anaaf fudhadhu!**
**2 Ani sin kadhadha yaa mootii ko, yaa Waaqayyoo ko,**
**Sagalee iyya kootii dhaggeffadhu!**

**[3]Yaa Waaqayyo, ganama sagaleen koo si biratti in dhaga'ama,**

**Ganama ofi koo siif nan qopheessa gara kees nan ilaala.**

**5:1-2** kadhatni kun kan inni jalqabu xiyyaafannawwan sadii irratti.

1. Sagalee koo dhaga'i – BDB 24, KB 27, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Hiyya koos yaadadhu –BDB 106, KB 122, *Qal* IMPERATIVE ("Hiyya" BDB 211, as qofaa fi Far.39:3, "gadi fageenyaan yaadu")
3. Sagalle hiyya koos yaadadhu – BDB 904, KB 1151, *Hiphil* IMPERATIVE

Isaan kun karaa faarfatichaatiin kan jedhe Waaqayyo hin dhaga'u sodaa jedhu bakka hin bu'u, wal cina Ibirootaati malee.

**5:1 "Gooftaa koo"** wal cina ta'uu maqootaa hubadhu.

1. Gooftaa koo (YHWH , Bau. 3:14)
2. Mootii koo (caaseefamni jechichaa kan inni dhufe 1Sam. 8:7, Far.84:3dha, barsiisonni booda irratti YHWH "mootii hawwaa" jedhanii waamaniiru)
3. Waaqa koo (yaadannoo asi gadii ilaali)

Lak. 3 ergawwan jechootaa baay'ee qabu "Waaqayyoof/waaqa tolfamaaf." Fakkeenya gaarii kan ta'u Kes. 32 dha.

1. Lak. 3, 15 – אלה (*Eloah*,, BDB 42-43, Far.5:2)
2. Lak. 4, 18, 21 – אל (*El*, BDB 41-42, Far.5:4)
3. Lak. 17 –אלהים (*Eelohim* , BDB 43-44, 5:10)

Hundumtuu kan hundaa'aan El irratti, innis humnaa fi jabina kan ibsu. Dubbi dacha irratti hunduu bifa geggedaramaan faayidaa irra ni oolu.

**5:3** Faarfannaan kun kan inni argisiisu kadhata ganamaati. Hari'atama booda Yihuudonni yeroo baay'ee guyyaa keessatti oolfamaniiru, kadhannaan yeroo itti dhi'aatu.

1. Yeroo aarsaa ganamaatti, naannoo sa'a 3. (Innis Far.46:5B eeruu danda'a)
2. Guyyaa wallakaatti
3. Yeroo aarsaa galgalaatti, naannoo sa'a 9

Duuka-buutuun amanamaan kun Waaqayyoo wajjin yeroo wajjin ta'u guyyaa keessatti caasefameera. Innis Waaqayyo akka dhaga'uu fi deebii akka inni kennu amaneera (jechuun, "*Dheebbuudhaaniin* eega" lak. 3B, BDB 859 ! KB 1044, Peil IMPERFECT).

Aarsaa guyyaa guyyaa, godoo bultii irratti (Bau. 29:38-42), booda irratti mana qulqullummaatti, ganama yeroo hundaatii fi galgala ni ta'a. Isaanis "kan addaan hin citne" jedhanii waamaniiru. Isaan kun kan addaa yeroowwan turan, gara YHWH tti dhi'eessuu.

▣

**NASB** **"nan gadda"**
**NKJV** **"nan gadda"**
**NRSV** **"nan labsa"**
**TEV** **"nan dhi'eessa"**
**NJB** **"nan jiraachisa"**
**LXX** **"nan dhi'eessa"**

Gochamni kun (BDB 789, KB 884, IMPERFECT) dirree hiikaa bal'aa qaba, ta'uus garuu hundee irraa hiiki isaa "Waan tokko sirreessuu" dha. Asitti ta'uu kan danda'u (jecha yookaan (2) aarsaa.

▣ **"Dheebbuudhaan nan eega"** gochamni kun (BDB 859, KB 1044, IMPERFECT) kan inni argisiisuus waan tokko abdii godhate eeguu dha, asitti YHWH n gaaffii Faarfatichaaf deebii akka kennu (Far.Erm. 4"17, Mik. 7:7, Inb. 2:1).

## MACAAFA FAARFANNAA: 5:4-7

**4 Ati yaa Waaqayyo, isa jal'inni itti tolu miti'o,**
**Hamaanis si bira hin buufatu.**
**5 Warri of jajanis ija kee dura hin**
**Dhaabatan, Warra wanta waa'ee hin baafne**
**Hojjetan hundumaas in jibbita.**
**6 Warra soba dubbatan lafa irraa inballeessita,**
**Waaqayyo warra dhiiga namaa dhangalaasanii fi**
**Warra nama wallaalchisan in Ciigga'a.**
**7 Ani garuu gaarumma kee isa baay'eedhaan**
**Gara mana keetti ol galuun anaaf kennameera;**
**Ulfinaan si sodaachuudhaanis,**
**Gara mana qulqullummaa keetti garagalee**
**Kufee siif nan sagada*.**

**5:4-6** Faarfattichi Waaqayyoon ibsa (*El*,אל , yaadannoo ilaali 5:1 irratti).

1. Akka Waaqa yakkatti hin gammannee
2. Hamaan si wajjin hin bulu (iddoo bultii dhaabbataa) (Yaaqoob 1:17 wal cina barumsa hafuuraa natty fakkaata)
3. Akkasumaan kan of jajan ija kee dura hin jiraatan (Far.1:5)
4. Hamaa kan godhan hundumaa jibbite
5. Soba kan dubbatan ni bal'eessita
6. Nama dhiiga namaa dhangalaasuu fi nama gowoomsu ni ciigaata

**5:5 "Ni jibbite"** kun nuun kan nu naasiisuu dha- jechuun YHWH , Uumaa , namoota hundumaa wajjin tokkummaa kan barbaadu, "yoo jibbu" (BDB 971, KB 1338, *Qal* PERFECT). Kitaabni qulqulluun jechoota namaa fayyadama, hafuura ibsuudhaaf. Kun yeroo hundaa dhiibbaa uuma. Mata duree addaa, Far.2:4-6 irratti, cas-lugaaf

Inni "Fakkeenya isaatiin kan hojjetaman" ni jaallata (Uma. 1:26-27) haala dhiibbaa uumuun wali walii isaanii karaa badiisaa irra wal harkaa yeroo fuudhan!

**5:7** Amanamaa yoo hin taane kan itti aanuu faallaadhaan, faarfattichi nii beeka, kan YHWH "Gaarummaa irraa hafaa" (Far.6:4B), innis godoo bultii isaa/mana qulqullummaa sodaadhaan waaqessa.

"Gaarummaa" jechi jedhu NASB karaa hiikaati, inni jabaan jechi kakuu Hesid (BDB 338).

## MATA DUREE ADDAA: GAARUMMAA JAALALA ARGISIISU (*HESED*)

Jechi kun hiika jechaa bal'aa qaba. BDBn karaa kanana isa taasia (338-339)

A. Dhala namaatiin walqabatee fayyadeera,
   1. Namoota akka ofiitiif gara laafummaa (fakkeenyaaf 1Sam. 20:14; 2Sen. 24:22)
   2. Warra hiyyeeyyii fi gargaarsa barbaadan harka qalleeyyif gara laafummaa (Fak. Mik. 6:8)
   3. Kabaja (cf. Erm. 2:2; Hos 6:4)
   4. Argamuu (cf. Isa. 40:6)
B. Waaqayyoo wajjin walqabatee fayyadeera,
   1. Kakuu amanamummaa fi jaalalaa
      a. "diinotaa fi rakkinootarraa bilisa ba'uudhaan (Fak. Erm. 31:3; Iz. 27:28; 9:9)
      b. "lubbuu du'arraa oolchuudhaan" (Far. 86:13)
      c. "cubbuu irraa bilisa baasuudhaan" (cf. Far. 25:7; 51:3)

d. “jireenya hafuuraa ariifachiisuudhaan” (fak. Far. 119:41,76,88,124,149,150)
e. “kakuuwwan eeguudhaan” (fak. 2Sen. 6:14; Nah. 1:5; 9:32)
2. amala Waaqummaan ittiin beekamu ni ibsa (fak. Ba’u 34:6; Mik. 7:20)
3. arjummaa Waaqayyoo
a. “safara hin qabu” (fak. Nah. 9:17; Far. 103:8)
b. “baay’ee baay’ee guddaa” (fak. Ba’u. 20:6; kes 5:10,7:9)
c. “bara baraaf kan jiraatu” (fak. 1Sen. 16:34,41; 2Sen. 5:13; 7:3,6; 20:21 Iz. 3:11).
4. gochaawwan garaa laafummaa (fak. 2Sen. 16:42; Far. 89:2; Isa. 55:3; 63:7; Far.3:22)

▣ **“Mana qulqullummaa”** bara Daawititti manni qulqullummaa homtu hin turre! Ta’us garuu jechi wal fakkaataan (BDB 228) 1Sam. 1:9 fi 3:3 irratti faayidaa irra ooleera, godoo bultii.

## MACAAFA FAARFANNAA: 5:8-10

**8 Yaa Waaqayyo, sababi warri adeemsa koo**
**Caqasan jiraniif, atti qajeellummaa keetiin na geggeessi!**
**karaa kees fuula koo duratti anaaf qajeelchi!**
**9 Afaan warra akkasii keessaa dubbiin dhaabataan hin ba’u,**
**keessa mar’umaan isanii badiisatu jira,**
**Afaan isaaniitiin gara awwaala banamaatti nama geessu,**
**Araba dhadhaa dibatanii in dubbatu*.**
**10 Egaa isaan si irratti ka’aniiru,**
**Yaa Waaqayyo, yakkitoota ta’uu isaanii beeksiisi!**
**Isaan ha kufan, mareen isaaniis lafatti haa hafu!**
**Baay’ina irra-daddarba isaaniitiif bakkeetti isaan gati!**

**5:8** kun qabbiyyee kadhata faarfattichaati, lak. 1-2 irratti kan eerame.

1. Ayyoota (IMPERATIVE) tolaan (mata-duree addaa ilaali Far.1:5 irratti)
2. Karaa kee kallattiidhaan/mijataa godhi (*Kethib*, *Hiphil*, qaba, *Qere*, *Piel* IMPERATIVE yoo qabaate, TEV kitaaba qulqulluu, fuula 854, lak. 4) fuula koo duratti (“Qajeelaa” fi “Kallattiidhaan” jechoonni jedhan walitti dhufiinsa barumsa hafuuraa qabu)

**5:9** Faarfatticha gochaa fi jechii dinoota isaatti isa yaachiseera (“diinoota,” lak. 8, BDB 1004).

1. Waan dubbatanitti amansiisaan/dhugaan hin jiru
2. Keessii namummaa isaanii mataan isaa badiisa
3. Qooqoon isaanii hawaala banamee dha
4. Gowwomsituu/afaan kan laafanii dha (Far.12:2)

Phaawulos lakkoofsa kana eera, labsii barreefamoota Kakuu Haaraa irratti, isaaniis amala mucaa namaa kufe kan isaan callaqisiisan Rom. 3:10-18 (keessaa iyyuu , lak. 13).

**5:10** Faarfatichi Waaqayyoon gaafata, dinoota isaa irratti akka ka’u, jecha isaaniitii fi gocha isaanii irraan kan ka’e.

1. In yakkan – BDB 79, KB 95, *Hiphel* IMPERATIVE (faallaa qulqullaa’uu)
2. Hojii mataa isaaniitiin ha kufan – BDB 656, KB 709, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa geessisuun faayidaa irra kan oole
3. Baayina irra daddarba isaaniitiif ha gataman –BDB 623, KB 673, *Hiphil*, irratti kan xiyyaafatu (jechuun, YHWH n kan irratti argamu, bakka waaqeeffanaatti, Far.5:7 yookaan dhadechaa faarfannaa irraa Far.5:5)

4. Isaan si irratti finclaniiruu – BDB 598, KB 632, *Qal* PERFECT

Faarfattichi jechoota adda addaa inni fayyadame hubadhu, diina isaa ibsuudhaaf.

1. Hamaa, lak.4
2. Of-jajaa, lak. 5
3. Irra daddarba kan godhan, lak. 5
4. Soba kan dubbatan, lak.6
5. Namoota dhiiga dhangalaasan, lak. 6
6. Nama kan dogogorsan, lak. 6
7. Dinoota (jechuun, riphanii kan eegatan), lak.8
8. Tokko illee dhugaa kan hin taane, lak. 9
9. Badiisaan kan guutaman, lak.0
10. Sobdoota, lak. 9
11. Irra daddarbitoota, lak. 10
12. Finciltoota lak. 10

## MACAAFA FAARFANNAA: 5:11-12

**11 Warri kooluu sitti galan**
**Hundinu garuu haa gammadan,**
**Bara baraanis haa ililchan!**
**Ati warra maqaa kee jaallatan**
**Waan eegduuf; isaan sitti ha gammadan!**
**12 Yaa Waaqayyo ati nama**
**Qajeelaa in eebbifta, tolli kees karaa**
**Hundumaa gaachana in ta'aaf.**

**5:11-12** faallaa diina hamaa faarfattichi amma duuka buutuu amanamtoota ibsa (jechuun, kan lakkoofsa baay'ee, shaakkallii fi kadhatni isa tokkoo hundumaaf ibsa ta'e).

1. Isaan YHWH amanannaa godhataniiru
2. Isaan YHWH tti gammadu\
3. Isaan iddoo dhokannaa isa godhatu (akkan yaaduutti, kun kan inni argisiisu fakkiiduu simbiroo dubartiiti, Rut. 2:12, Far.17:8, 36:7, 57:1, 61:4, 63:7, 91:1, 4 kanaa gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali)
4. Isaan maqaa isaa ni jaallatu baay'ees itti gammadu (kanaa gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali)

Haala ilaalcha kanaatiin, YHWH

1. Ofitti isaan buta
2. Isaan eebbisaa
3. Akka gachaanaatti isaan irraa dhorkaa (1Sam. 23:26)

Inni tokkoo duuka buutuu amanamaa fi duukuu buutuu amanamaa hin taanee gidduu kan jiru garagarummaan ija isaaniitiin beeka (Mat. 7:15-22)!

## MATA-DUREE ADDAA:GAADISI FAKIIDUU KUNUUNSAA FI EEGUMSA ISAATI

"Gaadisa" kan jedhu ciigoon fayyadama irrati (baha dhihoo duriitti) kan baratamee dha. fakkeenya isaa kitaaba qulqulluu irraa ilaali.

1. Ciigoo eegumsaa, Isa. 16:3, 30:2-3, Far.Erm. 4:20
2. "Gaadiduu harkaatiif" ciigoon, Far.121:5, Isa. 49:2, 51:16
3. "Gaadiduu bantii manaa" ciigoo, Uma. 16:8
4. "Kan Waaqayyoo gaadisa duumeessaa adda ta'eef" ciigoo,

Bau. 13:21-22, 14:19, 20, 24, Isa. 4:6, 25:4-5, 32:1-2

5. "Gaadiduu qoochoof" ciigoo, Far.17:8, 36:7, 57:1, 61:4, 63:7, 91:4 (fakiiduwwan wal fakkaatoo Kes. 32:10-11, Rut. 2:12, Isa. 31:5, Mat. 23:37, Luq. 13:34 irratti)
6. "Gaadiduu mukaatiif" ciigoon, Abo. 9:15, His. 17:23, 31:6, 17, Dan. 4:12, Hose. 14:7

## MATA- DUREE ADDAA: "MAQAA" YHWH

**"**Kan maqaa" fayyadamni YHWH mataa isaaf bakka bu'ummaa, Bau. 23:20-33 "Ergamaa" irraa fayyadama wajjin wal cinaa dha, innis "Maqaan koo isa irra" kan jiru. Kun kan maqaa bakka buusuu "Ulfina isaa" fayyadama irratti mul'achuu danda'a (Fak. Yohaaanis. 1:14, 17:22). Hundumtuu kan isaan yaalan qaama YHWH argama namaatiin laafisuudhaan (Bau. 3:13-16, 6:3). YHWH n dhugumatti jecha namaatiin dubbateera, ha ta'u malee akkasumas immoo kan inni beekamu uumama hundumaa irratti hafuuraan argamuu isaati (1Mot. 8:27, Far.139:7-16, Erm. 23:24, HoE. 7:49, Isa. 66:1 ni eera).

Fakkeenyoonni baayeen jiru, kan YHWH le'iin hafuuraa fi argama qaamaa waan bakka bu'uuf "Maqaa". Kes. 12:5, 2Sam. 7:13, 1Mot. 9:3, 11:36

1. Kes. 28:58
2. Far.5:11, 7:17, 9:10, 33:21, 68:4, 91:14, 103:1, 105:3, 145:21
3. Isa. 48:9, 56:6
4. Hiz. 20:44, 36:21, 39:7
5. Amos 2:7
6. Yohaannis 17:6, 11, 26

"Waamuu" (jechuun, waaqessuu) kan jedhuu yaad0rimee, maqaan YHWH , duraan dursee Uma. Irratti argameera.

1. 4:26, sanyii Seet
2. 12:8, Abirahaam
3. 13:4, Abirahaam
4. 16:13, Agaar
5. 21:33, Abirahaam
6. 26:25, Yisihaaq

Seera Ba'uuttiis:

1. 5:22-23, maqaa keetiin dubbatu
2. 9:16, maqaa koo addunyaa hundumaatti argisiisu (Rom. 9:17)
3. 20:7, maqaa Waaqayyo goofttaa keeti akkasumaan hin kaasiin (Lew. 19:12, Kes. 5:11, 6:13, 10:20)
4. 20:24, maqaan koo akka waamamu bakkan abboomeetti (Kes. 12:5, 26:2)
5. 23:20-21, ergamaa ("maqaan koo isa irra jirahoo")
6. 34:5-7, Musee waamee (yookaan "ni waamame") maqaa Waaqayyoo. Kun isa olaanaa barreefama guutuu keessaa tokko, amala YHWH kan ibsu (Nah. 9:17, Far.103:8, Iyu. 2:13

Nama tokko maqaa isaatiin beekuun itti dhi'eenya argisiisa (Bau. 33:12), Museen maqaa YHWH beeka, akkasumas 33:17 irratti, YHWH nis maqaa Musee beeka. Akkaataa yaada barreefama kanaatti Museen hulfina Waaqayyoo akka ilaalu kan barbaadee dha (Bau. 33:18), Waaqayyo garuu "gaarummaa isaa" akka ilaalu iyyameef (BAu. 33:19), innis "Maqaa isaa" wajjin wal cina kan ta'e (lak. 19).

Israa'eloonni waaqa tolfamaa Kana'aan "maqoota" akka balleessan ture (Kes. 12:3) fi kan isaa akka waaman (Kes. 6:13, 10:20, 26:2) maqaan isaa akka keessa buluu fi kan inni filate bakka addaa (Bau. 20:24, Kes. 12:5, 11, 21, 14:23, 24, 16:2, 6, 11, 26:2). Yaahiwwwwn kaayyoo wali galaa qaba, maqaa isaa kan ilaalatu.

1. Uama. 12:3
2. Bau. 9:16
3. Bau. 19:5-6

4. Kes. 28:10, 58
5. Mik. 4:1-5

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaa 4 akka faarfannaa galgalaatti akkasumas faarfannaan 5 akka faarfannaa ganamaatti maaliif lakkaa'ame?
2. Waan YHWH n godhe tarreessi, lakkoofsa 4-6.
3. Jireenyi amantii akka karaatti/fakkeenyummaa/karaa dha kan ibsame. Maaliif?
4. Hamoota tarreessi, lak. 4-6 fi 9-10.

# FAARFANNAA 6

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhata araaraa yeroo rakkinaatii<br><br><u>Seensa MT</u><br>Geggeessaa farffatootaatiif kiraara ribuu saddeet qabuun faarsaa Daawiit | Yeroo dhiphina kadhata amntii | Dhukuba jabaa irraa fayyuuf kadhata | Kadhata gargaarsaa yeroo rakkinaaf | Kadhata gargaarsaa yeroo gidiraaf |
| 6:1-3 | 6:1-3 | 6:1-3 | 6:1-3 | 6:1-3 |
| 6:4-5 | 6:4-5 | 6:4-5 | 6:4-5 | 6:4-5 |
| 6:6-7 | 6:6-7 | 6:6-7 | 6:6-7 | 6:6-8 a |
| 6:8-10 | 6:8-10 | 6:8-10 | 6:8-10 | 6:8 b -10 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 6:1-3

**1 Yaa Waaqayyo, aarii keetiin ana hin ifatin!**
**Dheekkamsa keetiinis ana hin adabin*!**
**2 Anaaf gameera, ati anaaf oo'i yaa Waaqayyo!**
**Namummaan koo guutummaatti roqomeera;**
**Ati na fayyisi yaa Waaqayyo!**

[3] **Lubbuun koos immoo baay'ee raafameera,**

**Ati garuu yaa Waaqayyo, hamma yoomitti turta*?**

**6:1** Xiyyaafanootni la,a jiru, akka dhiibbaatti faayidaa irra kan oolan.

1. **1.** Hifaata – BDB 406, KB 410, *Hiphil* Alta'aan, Far.38:1
2. **2.** Dha'icha – BDB 451, KB 418, *Piel* Alta'aan

Kun faarfannaa qalbi jijjirannaati, akka Faarfannaa 32, 38, 51, 102, 130, fi 143. Qayyabannaa kitaaba qulqulluu Yihudii (fuula 1289) akka jedhutti kadhatni gargaarsaa kun saboota Yihudiif seera kadhata ganamaa ta'eera.

▣ **"Dheekamsa keen…aarii keen** faarfattichi YHWH n maaliif akka dheekame hin ibsu. Inni barumsa hafuuraa Kakuu Moofaa sababeeffachuun callaqqisiisuu danda'a. Faarfattichi diinoota qaba, YHWH n isaanii heyyameera/ergeera (lak. 3). Haalawwan jirenyaa ta'uu kan danda'an

1. Adaba cubbuu (Far.41:4)
2. Jireenya addunyaa kufee irratti (Far.147:3)
3. Karaawwan ittiin amantii cimsatan (1Qor. 10:13, Ibr. 5:8)

Ta'us, inni tokkoo eenyuun akka ta'e raawwatanii beekuu hin danda'u, kanaaf qalbi jijjiradhu amantiis qabaadhu!

**6:2-3 "Raafamuu"** akkamitti akka ta'e hubadhu (BDB 96, KB 111, *Niphal* PERFECT) lammanuu wajjin akka yaadamuutti

1. Lafeen koo (BDB 782), lak. 2
2. Lubbuun koo (Nifiish, BDB 659, lak. 4), lak. 3 (Far.3:2irra kan jiru yaadannoo guutuu ilaali) isaan kun lammanuu nama keessa jireenya isaanii fi yaada isaanii karaa argisiisanii dha. Barreessan kun dhiphina guddaa keessa jira, maaliif akka ta'ee hin beeku!

**6:2** lak. 1 Yaahiwwen akka hin goone kan gaaffatu hundumaa, lak. 2 YHWH gaaffata (dabalataanis lak. 4 ilaali)

1. Natty haraarami – BDB 335, *Qal* IMPERATIVE
2. Na fayyissi – BDB 950, KB 1272, *Qal* IMPERATIVE

"Fayyina" gochamni jedhu dhukkuba qaamaa qofaa wajjin walitti hin dhufuu dhiisuu danda'a (NIDOTTE, Jildii 3, fuula 1166, C, Isa. 1:5-6), ta'uus garuu miidhaa dinootaa (lak. 7B, 10). Ta'us, lakkoofsi 2 banaa godhee dhiisa, dhukkuba ta'uu akka danda'u. dhukkuba yoo ta'es, dinootni maaliif eeraman? Tokko tokkoo akka jedhanitti dinootni dhukkuba faarfattichaa irratti qoosaniiru (Far.102:8). Israa'eloonni durii kan isaan amanan cubbuu fi dhukkubni akka walitti dhufanitti.

**6:3 "Amma yoomittii"** kun iyya nama dhuunfaati, fakkeenya Waaqayyooti kan uumame, ta'us garuu yaada kufeen, foon, fi addunyaan kan adamfame (Far.13:1, 74:10, 90:13)! Akka amantootaatti Waaqayyoon ni amanna, haalota osoo hin taane, garuu ammas ni hiyyina -maaliif? Yoom kan inni gahu?

## MACAAFA FAARFANNAA:6:4-6

[4]**Yaa Waaqayyo, deebi'I, jireenya koos anaaf oolchi,**

**Gaarummaa keef jedhiitii na gargaari!**

[5] **Erga du'ee namni si yaadatu hin jiru,**

**Iddoo lafa jalaa keessaa immoo eenyutu si galateeffata*?**

**6:4** Far.6:2 YHWH akka gaaffatu, waa'ee faarfattichaa (jechuun, "Natti haraarami…na fayyisi"), akkasumas immoo, lak. 4.

1. Deebi'ii – BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE
2. Fayyisi – BDB 322, KB 321, *Piel* IMPERATIVE
3. Fayyisi – BDB 446, KB 448, *Hipil* IMPERATIVE

Gaaffiwwaniif sababni kennaman faarfattichaaf akka ta'utti yookiin gatii dadhabbii miti, ta'us garuu kan hin jijjiramne, haraaraan kan guutame uumaa kakuu/oolchaa amala hafuuraati!

Tokko ajaa'ibsifamuu danda'a, "Deebi'I" akkaataa yaada barreefema kanati maal akka ta'e. Faarfatichi itti yaadee ta'ee, YHWH n akka fagaatee yookaan ofi isaa akka dhokse?

▣ **"Gaarummaa"** mata duree addaa Far.5:7 ilaali.

**6:5** lak. 5 du'a booda waan jiru ilaalcha Kakuu Moofaa ibsa. Si'ool bakka inni itti beekamuu dha, ta'us garuu gammachuu fi galatni kan keessa hin jire. Le'iin ittiin beekamu dhimmi wali gala, du'a foonii booda qulqulluu sagalee isaan guddachaa dhufeera. Kakuu Moofaatti ka'umsa isaa qofatu jira (Iyoob, 14:14-15, 19:25-27, Far.16:10, 49:15, 86:13, Isa. 25:8, 26:19, Hiz. 37:12-13, Dan. 12:1-2, Hosee. 13:14). Guutummaan dhugichaa kan ibsame 1Qorontos 15 irratti dha!

*Si'ool* afaan warra Ibirootaa (BDB 982) bakka warra du'ani ilaalata. Innis kan adda isa godhu

1. Dukkana, bakka lafa dukkanaa, Iyoob 10:21-22, Far.143:3
2. Bakka deebi'uun hin jirre, Iyoob 10:21, 16:22
3. Bakka Waaqayyoon itti hin galateeffanne, Faru.6:530:9, 38:18, 88:10-12, 115:17 (callisaa, Far.94:17)
4. Bakka Waaqayyo irraa itti adda ba'an, Far.88:5, 39:13, ta'us Waaqayyo achi jira, Far.139:8, Fak. 15:11!

Mata-duree addaa ilaali: warri du'an eessa jiru? Far.1:6 irratti.

Barreessichi hubannaa mataa isaan Si'ooliin adda baasee kan inni ibse,

1. Bakka dukkanaa guddaa – Hiz. 32:18-32
2. Daannoo – Far.9:13 107:18, Mat. 16:18
3. Bakka xuraawwaa dukkanaa –Iyoob 10:22
4. Bineensa guddaa, abbaa afaan guddaa – Isa. 5:14, Yonaas 2:2, Inb. 2:5

Waaqayyoo waa'ee Kakuu Haaraaf ha galatoo,u!

## MACAAFA FAARFANNAA: 6:6-7

**6 Ani aaduu kootiin dadhabeera, halkanuma dhufu boo'uu**

**Kootiin siree koo nan totorsa, iddoo cisicha koo irras**

**Imimmaan nan lolaasa.**

**7 Iji koo gadda irraa kan ka'earguu dhabe,**

**Sababii warri na cunqursan**

**Hundinuu na gaddisiisaniifis, dadhabaa in adeema.**

**6:6-7** Faarfattichi "Dinoota isaan" kan isa irra ga'ee miidhaa qaamaa fi miiraa ni ibsa (BDB 865, KB 1058, keeyata, "diinummaa isaanii kan argisiisan")

1. Miidhaadhaan dadhabuu (BDB 58)
2. Bakka ciisichaa imimmaaniin jiisuu (kan gurrii guddifame)

## MACAAFA FAARFANNAA: 6:8-10

**8 Waaqayyo sagalee boo'icha koo dhaga'eera'o,**

**Isin warri hamaa hojjettan hundinuu ana irraa fagaadhaa!**

**9 Waaqayyo waammata koo dhaga'eera,**

**Waaqayyo kadhata koo in fudhata;**

**10diinonni koo hundinuu in yeellaasifamu,**

**sodaadhaanis baay'ee in raafamu;**

**isaan of irra in garagalu, achumaanis in yeellaasifamu.**

**6:8-10** Faarfattichi gara boqonnaa sammuutti dhufeera, YHWH tti amanu isaan, kadhata isaa gara dhaga'ameetti (Far.28:6). Kunis galima wal cinaa sadii mul'isa (jechuun, Far.6:8B, 9A, 9B).

YHWH en kadhata isaa waan dhaga'eef

1. Irraa fagaachuutu irra jiraata, lak. 8A (Far.119:115, 139:19)
2. Ni qaana'u, lak. 10 (Far.71:13, 24)
3. Baay'ee na'u, Far.6:10 (gochama wal fakkaataa ta'e, faarfattichaan faayidaa irra kan oole, Far.6:2 fi 3A irratti)
4. Gara boodeetti deebi'u, lak. 10 (gochama wal fakkaataa ta'e, YHWH dhaaf faayidaa irra kan oole, lak. 4 irratti, inni garuu gara Si'oolitti waa'ee deemuu ta'a, Iyoob 34:15, Far.9:18, Lalaba. 3:20, 5:15, 12:7)
5. Akka tasaa qaanefamu (gochama wal fakkaataa akka lak. 10B, Far.73:19)

Lakkoofsa 2-5 hundumti isaanii kan hin xumuraminii dha, bifa dhiibbaa geessisuun faayidaa irra kan oolan. Faarfattichi argama YHWH dagateera, ta'es argamuu dhabuu dinoota isaatti! Isaan isa irra geessisuudhaaf kan isaan yaalan isaanuma irratti ta'eera! Caasefamni barreefama kanaa (jechuunis, galagaltoo isaa) Kakuu Moofaatti kan baratamee dha. namoonni kan isaan eegan yeroo hundumaa YHWH n fiduudhaaf kan inni jiru faallaa isaati.

### GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Si'ooliin akka yaada Kakuu Moofaatti ibsi.
2. "Qaana'uu" maal jechuu akka ta'e akka qabiyyee Kakuu Moofaatti ibsi.
3. Aarii fi dheekamsa YHWH isa cubbamaadhaa fi duuka buutuu amanamaa wajjin akkamitti adeema?

# FAARFANNAA 7

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gooftaan diinota isaa irraa akka farffaticha eeguuf kadhatame | Diina isaa irraa akka isa oolchuuf kadhataa fi galata | Diina dhuunfaa irraa akka isa oolchuuf kadhata | Haqaaf kadhata | Yeroo ariyatamaa kadhata nama qajeelaa |
| <u>Seensa MT kan qabu,</u> Waa'ee Kuuz namicha Biniyam Gooftaa isaatiif kan faarfafate | | | | |
| 7:1-2 | 7:1-2 | 7:1-2 | 7:1-2 | 7:1-5 |
| 7:3-5 | 7:3-5 | 7:3-5 | 7:3-5 | 7:6-8a |
| 7:6-11 | 7:6-8 | 7:6-8 | 7:6-9 | 7:8b-9 |
| | 7:9-10 | | | 7:10-12a |
| | 7:11-13 | 7:9-11 | 7:10-13 | 7:12b-14 |
| 7:12-16 | 7:14-16 | 7:12-16 | 7:14-16 | 7:15-16 |
| 7:17 | 7:17 | 7:17 | 7:17 | 7:17 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 7:1-2

**[1]Yaa Waaqayyo gooftaa koo, ani sitti kooluu nan gala,**

**Na gargaari, warra na ari’atan hundumaa jalaa na baasi!**

[2]**Lafa inni oolchu na bira hin  jirretti, isaan akka leencaa**

**Ana cuffatanii hin kukkutatin!**

**7:1 "Sittan amanadhe"** gochamni kun (BDB 340, KB 337) PERFECTe dha, an xumurame yookaan gocha sirrate kan ibsuu dha. Faarfattichi waan itti amanatu barbaadeera, barbaadaas jira (jechuun, kan itti baqatu, kukuunsa, kan kennu) YHWH irraa.

⊡ Faarfatichi Waaqayyoon gaaffata

1. Akka isa fayyisuuf – BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Akka isa oolchuu – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE

Isa irratti amanachuu isaatiin (BDB 340 KB 337, PERFECT). Kun ergaa irra deddeebi'ee dha, Far.2:12, 5L11, 118:8 , 9, 141:8, 144:2. Yaahiwwe qofa bakki boqonnaa sirrin.

**7:2** Far.7:1 irratti faallaan faarfatichaa "kan na ari'atan isaa" jechuudhaan waamamaniiru. Lakkoofsa 2 irratti isaan kan ibsaman akka bineensa foon nyaatuutti (Far.57:4).

1. Tarsaasuu – *Qal* IMPERFECT, Far.17:12
2. Butachuu – BDB 830, KB 973, *Qal* PARTICIPLE
3. Kan fayyisu osoo hin jiraatiin – kun kan faallaa lak. 1 ti, faarfattichi YHWH n akka isa oolchuuf kan ittiin kadhatu. Eenyuun osoo hin ta'in Waaqayyo qofti ni danda'a!

Faarfatichi isa tokko fakiiduu cimaa fayyadameera yookaan diina isaa irraa kan isatti darbatamu waraansa cimaa qaamaan sodaaateera.

## Mata duree addaa:- Leencota Kakuu Moofaaati

Yeroo baay'ee kan dhuunfaa yookiis humni hawaasa akka leencaati ibsama admsanii kan nyaatan mootii bineensa.

1. Yihuuda, Uma 49:9, Mikiyaas 5:8,
2. YHWH n bakka Israa'el Lak 24:9, Isa 31:4, 35:9 Hose'aa 11:10
3. Israa'el akka leenca mo'ameeti Izra 19
4. Gosa Daan, keessa deeebi 33:22
5. Humna Daawiit leencoota irratti, Samuu'eel isa dura 17:34-35
6. Saamu'eelii fi Yoonaatan 2 Saamu'eel 1:23
7. Sirbaa solomoon kan eegan Fakkeenya Moototaa isaa duraa 10:19-20
8. Waaqayyoo leencaa akka adabee itti fayyadame Mootota isa duraa 13:20, 2 Moototaa 17:25-26, Isa 15:9, Iyo 4:10 keessatti fakkeenya Er 2:30, 49:19, 44, Lam 3:10, Amos 3:4, 8:12, 5:19, Hose'aa 5:14, 13:7-8, Nah 2:11-12,
9. Waaqayyo kan oolchi dinoota Daawitibsa Fara 7:2, 10:9, 17:12, 22:13, 21
10. Kan hin beekamne fakkeenya hamaati Fakkeenya 22:13, 26:13, 28:15,
11. Loltuun Babiloon ibsuudhaaf itti fayyadameera Er 4:7, 49:19-22, 51:39
12. Saba Waaqayyootiin kan morman looltuu moototaa Er 5:6, 25:32-38, 50:17 Iyyu;'eel 1:6
13. Sabi Waaqayyoo Waaqa isaani akkamiti ilaalun akka isaan irra jiru Er 12:8
14. Geggeesitootni Waaqayyoo saba isaani akkamiti ilaalun akka isaan irra jiruu Hisqeea 22:25, Sefoniyaa 3:3,
15. Fakkeenya mooti dheekamee Fakkeenya 19:12, 20:2
16. Fakkeenya tolaa Fakkeenya 28:1
17. Fakkeenyaa Masihii Uma 49:9, Mul'ata 5:5

Haala fayyadma #11 fi #12 irratti, Erm, Daani'eel lotuu warra Babiloonii fi akka leencaa arifataati fakkeenya kan fudhate kan beekameedha. Bitoo kan ta'an (Impires of the fertile crescent) yeroo baay'ee leenca uummatatti fakkeesuun itti fayyadamu (Fakkeenyaaf the winged lions on the lsthar Gate of the city of Babylon).

## MACAAFA FAARFANNAA: 7:3-5

**3 Yaa Waaqayyo gooftaa ko,**
**Ani wanta akkasii hojjedheera yoon ta'e,**
**Hojii harka koo keessas yakki yoo jiraate,**
**4 Nama nagaatti anaa wajjin jiraatu**
**Hamaa godhee, nama na cunqurses**
**Sababii malee saameera yoon ta'e,**
**5 Diinni koo ari'ee ana haa qaqqabu,**
**Jireenya koo dhidhiitee lafatti haa dabalu,**
**Ulfina koos awwaara keessa haa buusu*.** **Selah.**

**7:3-5** Faarfattichi qabatamaa waan taane haaloota wal cinaa argisiisa.

1. Kana yoon godhe (garuu "kun" adda ba'ee hin ka'aamne)
2. Hameenyis harka koo keessa yoo jiraate (jechuun, gochawwan, mata-duree addaa kanaa gadi jiru ilaali: harka
3. Hiriyaa kootiif hameenya deebise yoon ta'e (kun sirritti kan inni beekamu fakkeenyaan, Fak. 20:22, 24:29, Rom. 12:17)
4. Hiriyaa koo akkasumaas dhiibbeera yoon ta'e

Isaan kana keessaa tokkoon isaanii illee dhugaadha yoo ta'e, egaa

1. Diinni koo na hari'atu – BDB 922, KB 1191, kan hin xummuramin bifa dhiibbaa ta'een faayidaa irra kan oole
2. Diinni koo na ha mo'aatu –BDB 664, KB 717, *Hiphil* JUSSIVE
3. Diinni koo jireenya koo irra ha ejjetu– BDB 942, KB 1245, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin fayidaa irra kan oole
4. Ulfina koos hawaara irratti ha salphisuu –BDB 1014, KB 1496, *Hiphil* JUSSIVE ("Ulfina" isa tokko kan jireenya bifa isa guddaatiin (Far.16:9, 30:12, 57:8, 108:1)

Kun qulqullummaa argisiisuuf karaa ciigooti!

## MATA-DUREE ADDAA: HARKA (HIZQEEL IRRATTI KAN IBSAME)

"Harka" jechi jedhu (BDB388) hiikoota baay'eedhaa fi fayyaadama baay'ee qabu.

1. Akkuma jirutti (jechuun, harka namaa)
   a. Kan fakkeenya qaama guutuu, HiZ. 3:18, 18:8, 17, 33:6, 8
   b. Fakkeenya dadhabbii namaa, Hiz. 7:17, 27, 21:7, 22:14
   c. Fakkeenya dinoota biyya hormaa, Hiz. 7:21, 11:9, 16:39, 21:31, 23:9, 28, 28:10, 30:12, 34:27, 38:12, 39:23,
   d. Harki dhaabbannaa isaatiin, Hiz. 8:11, 12:7, 6:11, 37:17, 19, 20
   e. Fakkeenya humna geggeesitoota sobduu, Hiz. 13:21, 22:23, 34:10
   f. Fakkeenya sabaa, Hiz. 23:31, 37, 42, 45, 25:14, 27:15, 28:9, 30:10, 22, 24, 25, 31:11, 39:3
2. Fakiidu caas-luga hafuuraa
   a. hafeeraa mul'ataa, Hiz. 1:3, 3:14, 22, 8:1, 33:22, 37:1, 40:1 (2:9 fakiiduu kan biraati – maraa harka irra jiru)
   b. aboon YHWH murtii irratti, Hiz. 6:14, 13:9, 14:9, 13, 16:27, 20:33, 25:7, 13, 16, 35:3, 39:21
   c. YHWH mataan isaa (argama qaama mataa isaa) Hiz. 20:22

d. Aboo YHWH oolchuudhaaf, Hiz. 20:34 (innis fayyadama furtuu kan ta'u seera Ba'uu 3:20, 4:17, 6:1, 7:19, 13:3)

3. Fakiiduu caas-luga Kirubeel, Hiz. 1:8, 8:3, 10:7, 8, 12, 21
4. Fakiidu caas-luga ergamaa badii, Hiz. 9:1-2, 21:11
5. Waadaa seenuu yookaan fakkeenya kakuu Hiz. 17:18, 20:5 (yeroo lama) 6, 15, 23, 28, 36:7, 44:12, 47:14
6. Fakkeenya gammachuu, Hiz. 25:6
7. Fakiiduu caas-luga ergamootaa, Hiz. 40:3, 5, 47:3

**7:5 "Selaahi"** Far.3:2 irratti kan jiru yaadannoo seensaa faarfannaaf, VIII irra ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 7:6-11

**6 Aarii keetiin ka'i! Yaa Waaqayyo,**

**Ccunqursituu koo warra aaranii boba'an kana irratti ka'i!**

**Ati firdiin akka kennamu**

**Abbomteetta, anaaf dammaqi yaa Waaqayyoo ko!**

**7 Sabni hundinu naannoo keettiwalitti haa qabaman,**

**Ati immoo teessoo kee isaan gararraatti ol kaasii dhaabbadhu!**

**8 Waaqayyo saba hundumaaf firdii in kenna,**

**Akka qajeelummaa koottii fi akka balleessaa malee argamuu kootti,**

**Dhugaa koo anaaf baasii yaa Waaqayyo*!**

**9 Hamminni warra jal'ina hojjetanii ha ga'u,**

**Nama qajeelaa garuu jabeessii dhaabi!**

**Garaaa nama fi yaada namaa kan qortu,**

**Ati Waaqayyo qajeelaa dha*!**

**10 Waaqayyo warra yaadni garaa**

**Isaanii qajeele in oolcha,**

**Gaachanni koos isuma biraa anaaf dhufa,**

**11 Waaqayyo abbaa firdii isa qajeelaa dha,**

**Guyyaa hundumaas dheekamsa isaa in mul'isa.**

**7:6-11** Faarfattichi YHWH waama isaaf jedhee akka hojjetu.

1. Ka'i –BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE (Far.3:7 irra kan jiru yaadannoo ilaali). Kunis gochama jechuu kan danda'u
   a. Ka'iiti godhi, nuuf jedhii abba murtii/lolaa
   b. Dammaqi "xiyyaaffannoo kenniiti godhi" miira jedhuun (Far.44:23)
2. Ka'ii –BDB 669, KB 724, *Niphal* IMPERATIVE
3. Isaan irratti ka'i– BDB 734, KB 802, *Qal* IMPERATIVE,, Far.35:23, 44:23, 59:4
4. Deebi'i –BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE, (yookaan "jiraadhu," kan jedhuun kan gargaaraan, BDB 442, Far.23:6)
5. Na hutubi – BDB 1047, KB 1622, *Qal* IMPERATIVE,, Far. 26:1, 35:24, 43:1

YHWH f waamichi godhameera, dheekamsa isaan akka ka'u, cubbuu irratti, firdiidhaan ofi isaa akka mul'isu. Ilaalchi akkasi kun lak. 7 irratti walitti qabameera. Ibiruun rakkisaa dha.

**JPSOE** “walitti qabama warra ormaa fuula keetti walitti ha qabaman, isaan irrattis olaantummaan deebi’i”

**NJB** “Walitti qabamni warra ormaa naanoo keetti walitti ha qabaman, isaan irrattis olaantummaan deebi’i”

Gaaffichi “warri Waaqa hin beekne” haqa akkataa yaada barreefama kanaa duratti nama dhuunfaa tokkoof wal simuu? Kan jedhuuni. Faarfannaan kun haqa kan barbaadan

1. Dinoota dhuunfaa isaati irratti (lak. 6, 8)
2. Saboota waaqa tolfamaa waaqeessan (Abdi. Lak. 5)

“Waaqayyo warra isa hin beekneetti in farada” kan jedhulak. 8 irratti dhugaan jalqabu akka fillannootti lak. 2 gatii kennaaf, ta’us garuu akka yaada barreefama kanaatti ajaa’ibsiisaadha.

**7:8 “Akka qajeelumaa isaatti”** gaaleen kun hiikamuun kan irra jiru akka Far.7:3-5 tti. Faarfattichi cubbu kan hin qabneedha ofin jedhaa hin jiru, ta’us garuu akka godheetti kan himatameef akka hin goone ibsuuf jedheeti!

Lak. 9, 17 qajeelummaan YHWH kan mirkana’ee hubadhaa. Faarfattichi guyyicha yaada, Waaqayyo waan hundumaa qajeelaa kan ittiin godhu, yaada dhugaa namoota hundumaatii fi gochaan kan ittin mul’atu. Kitaabni qulqulluun ifa godha, addunyaan foonii kun kan uumammee fi kan qabame safuun/namuusaan Waaqa akka ta’e. tokkoon tokkoon nama fakkeenya isaatti uumame isaaf deebii kenna, jireenyaaf kennaan isaa/soorummaan isaa (Mat. 25:31-46, Mul. 20:11-15)!

▣ **“Garaamummaa”** jechi kun (BDB 1070) hiiki isa “qulqullummaa,” “mudaa maleessa” dha (Far.25:21, 26:1, 11, 41:12, FAk. 2:7, 10:9, 19:1, 20:7, 28:6). Inni cubbu maleessummaa kan mirkaneessu miti, ta’us garuu yaada isaa qulqulluu/miira keessa isaati/laphee kan argisiisu malee (lak. 10b). mata-duree addaa ilaali, Far.18:20-24 irratti.

**7:9 “Hameenya cubbamootaa”** kun kan inni argisiisu faarfattichi wantoota ta’an Far.7:3-5 irra kan jiru dha moo yookaan namoota hundumaa/saboota (Faarfannaa 2)?

Faarfattichi Waaqayyoon waama, hamaa dhaabuuf jecha (BDB 170, KB 197, *Qal* IMPERFECT, bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole) fi kan jabeessu (BDB 465, KB 464, *Poleo* IMPERFECT,) qajeelummaa (mata-duree addaa ilaali Far.1:5 irratti).

▣ **“Waaqayyo kalee fi ribbuu qora.”** Kun ergaa irra deddeebi’aadha (Far.11:4-5, 17:3, 26:2, 66:10, 139:23, Erm. 11:20, 17:10, 20:12). Waaqayyoo yaada garaa ni beeka (BDB 480, kalee, teessoon qaamoota keessaa akka miiraa fi amala safuutti mul’atu).

**7:10-11** duuka buutuu amanamaadhaaf YHWH n gaachana (Far.3:3 irra kan jiru yaadannoo ilaali), ta’us garuu duuka buutu amanti hin qabneef inni “abba murtii tolaa” dha (Far.96:13).

**7:11 “Dheekamsa”** gochamichi (BDB 276, KB 277, Qal PARTICIPLE ) faarfannaa irratti as qofatti kan inni argamu. Fakkeenya irratti yeroo baay’ee argama (Far.22:14, 24:24, 25:23).

Gochamichi kan inni ibsu kan YHWH (lammanuu *Elohiimi* fi *El* lakkoofsa kana irratti hafuuraaf faayidaa irra ooleera) bifa itti fufiinsa qabun cubbuu mormuudhaan. Kun kan isaa aka ta’e fakkeenyummaa isaa/akka ta’uu kan uume addunyaa miti. Uumama 3 dhiibbaa cigaasiisaa irratti geesiseera

1. Waaqayyo irratti (Hosee 11:1-4, 8-9)
2. Namoota irratti (Rom. 3:10-18, 23)
3. Uumama foonii irratti (Rom. 8:18-23)

Yeroo cubbuutii fi bara barummaa irratti dhiibbaa geesiseera!

## MACAAFA FAARFANNAA: 7:12-16

**12 Namni yaada garaa isaa**

**Yoo geddarachuu dhaabaate,**

**Waaqayyo billaa isaa in qarata,**
**Iddaa isaas dabsee, jabeessee, ol in fudhata*;**
**13 inni mi'a ajjeesu kana ol itti in fudhata,**
**Xiyya boba'aa adeemus itti in qopheeffata.**
**14Kunoo, namni jal'aan hamaa**
**Garaa isaatti in yaada,jal'ina**
**Kanas in ciniinsifata,**
**Wallaalchisas bakkeetti in baasa.**
**15Inni boolla gad fageessee**
**Warrakaaniif in qota,**
**Ofuma isaatii immoo isa keessa in bu'a*.**
**16Hamaan inni gochuuf yaade**
**Mataa isaatti gara in gala,**
**Wanti inni humnaan nama irratti hojjetes**
**Gubbee isaa irratti in bu'a.**

**7:12 "Deebi'uu yoo baattan garuu"** kakuu isa dhugaa yaadi. Irra deebinis qalbi jijjiranaa, bara jireenyaa hundumaatti ta'uu isaa hubadhu! Mata-duree addaa kana gadi jiru ilaali.

oliidha.

## MATA DUREE ADDAA:- QALBII JIJJIIRRACHUU KAKUU MOOFAA KEESSATTI

Yaadni kun ammamille barbaachisaa ta'us akkas jedhani murteessuuf garuu baay'ee nama rakkisa. Baay'een keenya hiikni nu'ii qabnu kan itti guddanne dhaababata amanta wajjiin wal qabsiifna. Ta'uus garuu "kan ka'aame" barumsaa Macaafa Qulqulluu kakuu haara keessa kan jiran Hibiroota (Girikii) baay'ee jechii "kan inni ka'aame" hiika irratti kara hin hundoofneen dhiibbaa irratti hojeetera. Jechootni Hibiroota kan beekaman lamaadha.

1. *nhm*(BDB 636, KB 688)
2. *swb*(BDB 996,KB 1427)

Kan jalqabaa nhm, burqaa isa irra yoo ilaalu bifa adda addaatiin kan ibsamuu gdi fageessani hafuura baafachu hiika jedhu kan kennu fakkaata.

1. "Boqonnaa" yookaan "itti tolee"(fakkeenyaaaf Uma5:29, 24:42, 37:35,38:12,50:12, irra deddeebi'uudhaan maqoota irratti in ibsama.(Motoota isaa 2 15:14, Sen isa 14:19, Nahimiya 1:1,7:7, Naahom 1:1)
2. "Gaabu" (fakkeenyaa Uma6:6,7)
3. "Yaada jijjiraachuu" (Fakkeenyaaf Bau 13:17,32:12, 14, Lak 23:19)
4. "Garaa laafummaa" (fakkeenyaaf Kes 32:36)

Olii hubachuuf akka yaalame miira guddaa agarsiisu! Xuqaa guddaan isa kana, gara hojitti kan jijjiiruu feedhii guddaa. Jijjiramni hojiini kun irra deddeebiin yeroo baay'ee gara namoota kan biraa kan agarsisuu ta'us gara Waaqayyootti in agarsiisa. Kun gara Waaqayyotti kan inni godhameef ilaalchaa fi namuusa haarreessu dhaaf

jechii isaa barrumsa Macaafa Qulqulluu bu'a qabu akka qabaatuuugodhe. Asi irratti garuu of eeganna cimaa godhuu qaba. Waaqayyoos "in gaddee" jedhama (Uma 6:6,7, Bau 32:14, Abboota firdii 2:18, 1Sam 15:11,35,Far 106:45), ta'us garuu kun gaabuu irraa yookaan cubbuu irraa kan dhufee miti. Caalaadhumati Waaqayyo kun haraara guddaaf garalaafummaa fi eegumsa kan agarsiisudha Lak23:19, 1Sam 15:29, Fara 110:4, Er 4:27-28, Hixzira 24:14). Cubbamaan laphee isaa irraa yoo gaabe fi hojii isaa irraa of qulleesse gara Waaqayyotti yoo deebi'e adbii hameenya a isaa fi cuubbuu isaa in hafa.

Jechii kun bal'aa kan ta'ee hiikaa qooqaa karaa baay'ee qabu qaba. Dubbifamni tokkoo qabiyyee kan kayyeefameef hiikni sirrin hubachuuf qooda guddaa qaba. Jechii lammaan swb, "deebi'uu" (wanta ta'e irraa deebi'u, naanna'uu, gara waan ta'etti naanna'uu) jechuu dha. "Qalbi jijjirachuu" fi "amantii" (fakkeenyaaf Mat 3:2, 4:17,Mar 1:4,15, 2:17, Luk 3:3,8, 13:3, 5,15:17,17:3) lammaanu barbachisumm aan isaa inni guddaan sagale mkakuu isaa akka ta'an dhugaa isaa yoo ta'e nhm kan inni agarsiisu cubbuu mataa ofii gadiifageenyaan hubatee isa irras deebi'u yoo ta'u swb cubbuu irraa gara Waaqayyotti deebi'uu kan agarsiisu ta'u danda'a. (Kanneen lamaan raawwii hafuuraa keessa fakkeenyi tokkoo Amos 4:6-11, "gara kooti hin deebine" [yeroo shan] fi Amos 5:4,6,14, "naa barbadaadha….Waaqayyoon barbaada….wanta gaarii malee wanta hamaa hin barbaadina").Fayyidaa humna qalbi jijjirana ilaalatekan jalqabaa fi duraa fakkeenya guddaa ta'uu kan danda'uu Daawiit Beershaabe wajjiin cubbuu inni hojeeteedha (2Samu'eel 12, Fara32:51). Sabab kanairraan kan ka'ee maatii Daawiitiif Israa'el irratti wantooti baay'een walitti fufiinsaan kan raawwataman yoo ta'anis ta'us Daawiit Waaqayyoo wajjiin tokkumaa tureetti deebi'eera! Minaasee inni hamaan qalbii jijjirachuudhaan dhiifama argachuudanda'a.(2Sen 33:12-13). Cubbamaa ta'uu isa hubatee dhugaati eenyuma cubbuu irra deebisuuf cubbuu irraa deebi'uu fi Waaqayyof tola isaa barbaadachuun wantoota barbaachisoodha (Isa 1:16-20). Qalbii jijjiirachuun sammuuf, dhuunfaadhaa fi amala namuusaa qabu. Waaqayyoo wajjiin walitti dhuufeenya haara jalqabuu fi cimsuun hunduu barbaachisoodha. Miira gaabi guddaatiin gara Waaqayyootti of kennuu keessatti fi gara Waaqayyoof bitamutti nu geessa.

## Mata duree addaa: Barbaachisummaa ciminaa

Macaafa qulqulluu kan ta'ee hundee amantii, jireenya kiristaanoota wajjin kan wal qabatee ibsuudhaaf baay'ee rakkisaa dha, sababii isaa dhi'eenyi isaa adda kan ta'ee kan warra ba'aa faallaa lama ta'uu isaati. Isaan lamaan waan wal faalleessan fakkatuu garuu laamanuu macaafa Qulqulluu dha. Amantootni warra lixaa kan isaan baratee dhugaa isa tokkoo fudhatanii kan biraa beekumsa faallaa dhiisuun yookaan gadi qabuu dha. Mee isiniifaan ibsa.

1. Fayyinni Kristoosiin amanuudhaaf murtoo ka'umsaati yookaan guutummaa jireenyaa kennuu dha, bartuu ta'uu dhaafii?
2. Fayyinni Waaqa isa guddaa irraa kan ta'uu fillannoo ayyaanaati, yookaan kennaa Waaqummaa kan ilmii namaa amanuu fi deebii qalbi jijjiiraanaatii?
3. Fayyinni al tokkoo yoo fudhatan deebi'anii dhabuu kan in dandeenyee dha yookaanis itti fufeenya kan qabuu yaalii kan gaafatuu?

Dhimmi jabinaa seena waldaa kiristaana hundumaa kan wal falmisiisu ta'ee tureera. Rakkinichi kan ka'uu walummaa galatti kakuu haaratti kan argaman kan wal falleessan keeyata

A. Itti gaafatamummaa bareefamaa
   1. Dubbi Yesus dubbate (Yohannis 6:37, 10:28-29)
   2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 8:38-39, Effeessoon 1:13, 2:5, 8-9, Filliphoos 1:6, 2:13, 2 Tessoollonqee 3:3, 2 Ximootihos 1:12, 4:18)
   3. Dubbii Pheexiroos dubbatee (1 Pheexiroos 1:4-5).

B. Barbaachisummaa jabinnaa barreefama argisiisan
   1. Dubbi Yesus dubbate (Maatihos 10:22, 13:1-9, 24-30, 24:13, Maariqoos 13:13, Yohannis 8:31, 15:4-10, Mul'ata 2:7, 17, 20, 3:5, 12, 21)
   2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 11:22, I Qorontos 15:2, II Qorontos 13:5, Galaatiyaa 1:6, 3:4, 5:4, 6:9, Filliphuus 2:12, 3:18-20, Qollasihaas 1:23)
   3. Haasa barreesiitoota Ibirootaa (2:1, 3:6, 14, 14:14, 6:11)
   4. Dubbii Yohannis dubbatee (1 Yohannis 2:6, 2 Yohannis 9)

5. Dubbii Waaqayyo abbaan dubbatee (Mul'ata 21:7)

Fayyinni macaafa Qulqulluu kan inni madduu oolantummaa Waaqayyoo sadan tokkoo kan ta'ee jaallala isaa irraa, haraara isaa irraa fi ayyaana isaa irraa. Namni kaamiyyuu yoo ta'ee kakasuu hafuura qulqullu irraa yoo ta'uu baatee fayyuu in danda'uu (Yohannis 6:44, 65). Waaqummaan dhufee yaada isaa ijaara, haa ta'uu malee namoonni amantii fi qalbi jijjiiranaadhaan deebii akka kennan nii gaafata, ka'umsaafiis ta'ee itti fufeenyaaf. Waaqayyoo ijoollee namaa wajjin walitti dhufeenya kakuutiin hojeta. Caroomuu fi itti gaafatamumaawwaan jiru!

Fayyinni ijoollee namaa hundumaaf kennameera. Du'ii Yesus Kiristoos kan ta'ee sababa rakkina cubbuu uumama kufeefi. Waaqayyoo karaa kenneerra, akksumas bifa isaatti kan hojeetaman hundumtuu jaallala kennee fi deebii kennaa akka kennaniif barbaade.

Nannoo mataduree kanaatii ilaalchaa Kalviin kan hintaane baayee dubbisuu yoo barbaade

1 Dale Moody, *The Word of Truth*, Eerdmans, 1981,1981(fuulaa.348-365)
2 Howard Marshall, *Kept by the Power of God*, Bethany Fellow ship, 1969
3 Robert Shank, *Life in the Son*, Westcott, 1961 ilaali.

Macaafni Qulqulluun naannoo kanatti rakkina adda addaa lama argisiisuu: (1) Ija kan hin qabne kan jiruu fi jireenya dhuunfaa kan ta'ee kan akka ragaa itti gaafatamummaa fudhachuu (2) Tajaajilaa fi cubbii jireenya dhuunfaa irratti walaansoo kan qaban jajjabeesuu. Fakkeenyichi kan jiruu garee dogogoroon kan ergaa dogogoree fudhachuu fi seera barumsa Waaqayyuummaa keeyata macaafa Qulqulluu murtaa'an utuu godhaniti. Kiristaanoonni tokko tokko ergaa itti gaafatamummaa baay'ee utuu barabaadanii kan biroon immoo ofeegaachisa cimoo barbaaduu! Ati garee eenyuutii?

**7:12-13** namoota qalbi hin jijjiranne irratti tarkaanfii Waaqayyoo (Kes. 32:34-43)

1. Billaa isaa qarata (Far.17:13)
2. Xiyya isaa in diriirsa (Zak. 9:13)
3. Meeshaalee du'aas ittin qopheesse
4. Warri Filaadeel akka gubatan godhe (Far.38:2)

Jechi kun lolaa wajjin walitti dhufa. Kunis lakkoofsa 7 wajjin wal hutuba, orma ilaaluuf, Israa'eel amantii hin qabne qofa osoo hin taane.

**7:14-16** ta'us, lakkoofsoni kun, kan isaan wal qabatan nama dhuunfaa wajjin, dinoota biyyoolessaa wajjin osoo hin taane.

1. Kunoo hameenyaan dhiphate (yaadannoo kanaa gadi jiru ilaali)
2. Miidhaa ulfaa'ee (Iyoob 15:35, Isa. 59:4)
3. Cubbus da'e
4. Bolas qote, Far.7:15A

(Isaan kun fakiidu wal makan fakkaatu, da'uu fi fayyisu irraa)

Ta'us garuu kan galagaltoo isaati hubadhu (Fak. 26:27, 28:10, Lalaba. 10:8).

1. Boola qotee keessatti kufe, Far.7:15B, 57:6
2. Miidhaan isaa isa irratti deebi'a, Far.7:16 A, B

**7:14**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"hameenya"** |
| **NRSV, JPSOE** | **"hamaa"** |
| **NJB** | **"hamaa ta'uu"** |
| **REB** | **"irra daddarbaa"** |

maqaa kanaaf gochamni wal simu hin jiru (BDB19). Hundeen kun cinaan hin jiru, qooqaa hiikaatiin. Inni kan inni argamu dubbifamoota ciigoo irratti dha, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya irratti.

Innis "humna" yookaan "humna akka malee fayyadamuu" hundee mul'isu irraa kan dhufe ta'u danda'a (Niidot, jildii 1, fuula 310). Kun YHWH dhaan jibameera (Far.5:5, 11:5). Innis ta'uu kan hin qabne amala kakuu ibsuu danda'a

1. Waaqefannaan (Isa. 1:13, Zak. 10:2)
2. Siyaasaan (Isa. 31:2)
3. Mana murtiin (Isa. 10:1, 29:20)
4. Dirree waraanaatti (Far.56:7)

Jechi kun kan inni ibsu Waaqayyoo fi saba isaa irratti laphee mormiidhaaf mijaa'ee dha.

## MACAAFA FAARFANNAA: 7:17

[17]**Ani qajeelummaa isaatiif jedhee**
**Waaqayyoof galata nan galcha,**
**Maqaa Waaqayyoo aabbaas**
**Faarfannaadhaan nan jajadha.**

**7:17 "Sin galateefadha– nan faarfadha"** isaan kun lamaanuu wali wajjin kan deemanii dha (kakuuwwan).

1. Galata dhi'eessuu –BDB 392, KB 389, hiifil IMPERFECT bifa wal fakkaataan faayidaa irra kan oole
2. Faarfannaa galataa – BDB 27:4, KB 273, wal fakkaataa

Niidot, jildi 2 fuula 406, lak. 3 "aarsaa galataa" jedha, innis bifa sagaleen galata dh'iisuu cinaan (jechuun, faarfannaawwan, Far.107:22, 116:17, Yoonas 2:9). Kadhatni gaddaa yeroo hundaa galata dhi'eessuu fi galata of-keessatti qabata (Far.35:18, 43:4, 54:6, 56:12, 57:9, 69:30, 71:22, 109:30, 140:13, 142:7).

▣ **"Maqaa Waaqayyo"** ,ata-duree addaa Far.5:11-12 irra kan jiru ilaali,

▣ **"Guddaa"** maqaan Ibirootaa kun, Eliyoon (BDB 751 II) faarfannaa irratti yeroo hundumaa faayidaa irra ni oola, waamama YHWH f (Uma. 14:19), Lak. 24:16, Kes. 32:8, Far.9:2, 18:13, 21:7, 46:4, 47:2, fi kan biroo dabalata baay'ee). Innis kan dhufe "olaanaa" yookaan "kan irraa" jecha jedhuu dddha (BDB 751 I). innis YHWH wajjin wal qabata, 42:2 irratti, kunis "Guutummaa biyya lafaa hundumaa irratti mootii guddaa" kan jedhu wajjin wal cina kan ta'e. Far. 9:2 fi 92:1 gaaleen sun irra deebi'ameera, Far.7:17 irra kan jiru.

Kunis waaqa tolfamaa guddaaf maqaa waamichaa ture, waaqefannaa warra Kana'aaniin. Ta'uu kan danda'us Israa'eel maqaa kanaa akka fudhatee dha (Baabiloonii fi Faariis maqaa waaqa tolfamoo irratti akka godhan) Waaqani isaanii waaqaa dhugaa ta'uu isaa karaa ittiin mirkaneessan!

Mata-duree addaa ilaali, murnummaa Far.2:7 irratti.

### GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "YHWH " fi "Eloohim" gidduu kan jiru garaagarrummaan barumsa hafuuraa maaliidha?
2. Diini Faarfatticha isa kan isaan ittiin komatan maalii dha, lak. 3-4 irratti?
3. "Waaqayyoo laphee fi yaada qora" barreefamni jedhu maaliidha?
4. Jechi Ibirootaa "qalbi jijjirannaa" fi jechi Girikii "qalbi jijjirannaa" gidduu isaanii garaagarrummaa jiru ibsi.
5. "Galagaltoo" yaad-rimee barreefamaa ibsi. Innis kitaaba qulqulluu irratti yeroo hundumaa baay'inaan maaliif argama?

# FAARFANNAA 8

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ulfina namaatii fi ulfina Waaqayyoo | Ulfina Waaqayyo uumama irraatti | Ulfina Waaqayyo ilmaan namootaaf kennee fi faarsaa ulfina Waaqayyoo ulfeessu | Ulfina namaatii fi ulfina Waaqayyoo | Humna maqaa Waaqayyo |
| <u>Seensa MT kan qabuu</u> "Angafa farffattootaatiif Getitti faarsaa Daawiit" | | | | |
| | | | 8:1-2 | 8:1a |
| 8:1-2 | 8:1 | 8:1a | | 8:1b-2 |
| | | 8:1b-2 | | |
| | 8:2 | | 8:3-4 | 8:3-4 |
| 8:3-8 | 8:3-5 | 8:3-4 | 8:5-8 | 8:5-6 |
| | 8:6-8 | 8:5-8 | | 8:7-8 |
| 8:9 | 8:9 | 8:9 | 8:9 | 8:9 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 8:1-2

**1 Yaa Waaqayyo gooftaa keenyaa!**
**Maqaan kee guutumaa biyya lafaatti**
**Guddaa guddaa caalu attamii ti!**
**Guddina kee bantiwwan**
**Gwaaqaa irratti diriirsiteetta*.**

**[2] Warra si irratti ka'an deebisuudhaaf,**
**Diinaa fi isa ijaa baafatu gab gochuudhaafi,**
**Afaan mucoolii fi daa'imootaatiin,**
**Ati humna dhaabbatteette*.**

**8:1 "Yaa Waaqayyo Gooftaa keenyaa"** kun wal makaa dha

1. YHWH – maqaa kakuu (BDB 217) kan Waaqayyoo (mata-duree addaa ilaali Far.1:1 irratti)
2. *Adoon* – sagaleen isaa (BDB 10) hiiki isaa "abbaa manaa," 'Abbaa warraa," "Gooftaa," yookaan "bitaa" dha. asitti kan lakkoofsa baay'eeti. Faarfannaadhaan bakkoota kan biroo hafan irratti waamamni kun faayisaa irra kan oole lakkoofsa qeenteedhaan (Far.45:12, 57:5, 105:21, 110:1, 114:7, 136:3 irraa kan hafe, achittis "Gooftaa gooftoota" caasefama jedhuun faayidaa irra kan oole. Egaa, kun, "Baayina simboo isaati" fakkeenya argisiisu ta'utu irra jira.

Isaan asitti bakka tokkotti faayidaa irra kan oolan Waaqa tokkichaaf, ta'us garuu Fau. 110:1 irratti qopfa qofaatti faayidaa irra kan isaan oolan, YHWH dhaa fi Masihiif (Mat. 22:44, Mar. 12:36, Luq. 20:42, 43, HoE. 2:34, 35, Ib. 1:13).

Dabalataanis hiika ingilliffaan jechoonni lamaan kan isaan ibsaman qubeewwan gurguddaadhaan.

YHWH = Gooftaa
*Adon* = Gooftaa

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | |
| **NJB,JPSOE** | **"simbo-qabeessa"** |
| **NKJV** | **"ajaa'ibsiisaa"** |
| **TEV** | **"guddummaa"** |
| **NRSV** | **"ulfina-qabeessa"** |
| **TEV** | **"ajaa'ibsiisaa"** |

Kun jildi Ibirootaa (BDB 12) wantootaaf faayidaa irra kan oole, namootaaf, fi Waaqayyoof dha. Waaqayyoof faayidaa irra yeroo oolu, isa bira ga'uu kan hin dandeenye olaantummaa ibsudhaaf yaaluu isaati (Far.76:4, 93:4).

Bifa namaa (gochama hin qabu" dhaabbataatti faayidaa irra kan inni oolu akkaataa uffanaatiif.

1. Rifeensi Eesahuu akka uffata rifeensaati –Uma. 25:25
2. Uffata miidhaginaa mi'aa ta'e, Iyyaarikoo irraa akaaniin kan hatame – Iya. 7:21, 24
3. Uffata Eliyaas (fakkeenyumaa humna kennuu YHWH ) – 1Mot. 19:13, 19, 2Mot. 2:8, 13, 14
4. Uffata rifeensaa raajiichaa (fakkeenyummaa aboo raajii) – Zak. 13:4

Innis immoo ta'uu kan inni danda'u

1. Ulfina – Zak. 11:3
2. Kan ulfeefame – Hiz. 17:8

Gaaleen kun abbummaadhaan kan wal qabte ta'e (uumama irratti bakka Waaqayyoo) akkasumas maqaa "simbo qabeessa" (uffata) kan Isaayaas 6:1-4.

▣ **"Maqaa"** kun kan inni dhaabbatu YHWH mataa isaaf. Mata-duree addaa ilaali, maqaa YHWH , Faru5:11-12 irratti.

▣ **"Lafa hundumaati"** kun kan inni dhaqabsiisu uumama walii galaati (Far.104, mata-duree addaa ilaali, Far.1:2 irratti). YHWH qofa dha uumaan inni dhugaan qofaa isaa, Waaqa oolchaa (mata-duree addaa ilaali: murnummaa Far.2:7 irratti).

▣ **"Galanni kee waaqa irratti ol ol jedheera."** Barreefama Ibirootaan gaalee kana irratti dhimoota baay'eetu jiru.

1. MT IMPERATIVE qaba, "kenne" gochamni jedhu (BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE), "Simboon kee waaqa olii dha" (mata-duree addaa ilaali: samiiwwan, Far.2:4 irratti).
2. Pirojectiin barreefama UBS (fuula 169, NIV (TEV) ilaali) gara gochama hin murteefamneeti jijjirama, "Guddummaa kee waqaa olitti godhi" (UBS jijjirama kana sadarkaa "D" kenna, jechuun, "baay'ee shakisiisaa").
3. TEV kitaaba qulqulluu PERFECTen yookaan bifa hin xumuramneen fudhata, "guddummaa kee waaqaa ol kan jiraachifte" (fuula 857).
4. Kitaaba qulqulluu (jildii 16: fuula 45) kan inni fudhatu "gudummaa ke waaqaa olitti nan waaqeessa" kan jedhuun, luqisicha fayyadama Yugagerit wajjin walitti fiduun.
5. UBS kitaaba faarfannaa yaadannoo irratti (fuula 78-79, REB) lammata dhufuu kenna, "Himuu" yookaan "galateeffachuu," kan jedhu, "Ulfinni isaa waaqaa olitti kan himame/kan galateeffame" (mata-duree addaa ilaali: Samiwwan, Far.2:4 irratti). yaadannoo dhuunfaatiif jecha, faarfannaa kanaa fi "guddina fi ulfina maqaa kee" faarfannaa jedhuu nan jaalladha. Argamuun Waaqayyoo karaa adda ta'een natty dhaga'ama, ergaa kana yoon yaadu, Waaqayyo keenyaa bakka inni gahe gahuun kan hin danda'amne ajaa'ibsisuun isaa. Wantootni barnootaa ergaa Waaqaa kana irraa akka nah in fudhanne hin fedhu. Ta'us garuu yeroo wal fakkaatatti, dhugaa ta'uu nan fedha, ergaa barreessaa yaada hafuuraan liqimfameef! Hafuurri Waaqayyoo nu ha gargaaru, isa akka beeknuuf, isa akka labsinuuf, ifa argamuu isaatiitin akka jiraannu!

▣ **"Waaqa irratti ol ol jedhee"** kana karaa baay'eedhaan hubachuun ni danda'ama.

1. Guutummaan lakkoofsichaa Waaqa uumaa dha kan inni galateefachiisu
2. Galata Waaqayyo hanga ol ka'insa samii ga'a
3. Uumamni kan inni uume/ulfinni/simboo dubbata/mul'isa (jechuun, samii halkanii, Far.8:3)

Mata-duree addaa: "Samii" fi "Samiwwanii fi samii isa sadaffaa" Far. 2:4 irratti.

**8:2 "Mucoollii irraa fi daa'ima harma hodhan irraa"** kun fakiiduu gura guddiiftuu ta'uun isaa ifaa dha. Daa'imni kun hasaa'u hin danda'an, ta'us argamuun isaanii qofti kan Waaqayyootii fi ulfina uumama isaa fi surraa isaa argisiisa. Kun ibsa uumamaati,Far.19:1-6.Isaan kanaan karaa wantoota uumamaatiin Waaqayyo ni beekama(Rom. 1:19-20, 2:14-16).

Lakkoofsi kun LXX Yesuusiin Farisootaaf eerera, gara Yerusaalemitti "mo'ichaan seenuu isaa" kan ilaalatanii, Mat. 21:16irratti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, JPSOE** | **"humna hidhateetta"** |
| **NKJV** | **"humna godhateetta"** |
| **NRSV, REB** | **"kan ittisu hundeessiteetta"** |
| **NJB** | **"daannoo ijaarteef"** |

Gochamichi (BDB 413, KB 417, *Piel* PERFECT, Far.89:11, *Qal* PERFECT) hiikii isaa "Hundeessuu" dha(1Sen. 9:22) yookaan "kan hundaa'e" (Iya. 6:26, 1Mot. 16:34, Izira 3:10, Isa. 14:32, 28:16).

"Humna" jechi jedhu (BDB 738) hiikni dhaabbataan isaa "jabina" dha, ta'us garuu akkaataa yaada barreefamaa kanaan inni kan inni argisiisu "daanoo ittisaati" dha.

Tapha jechaa qaba "Da'ima harma hodhan" (BDB 413) fi oomishuu" gidduu (BDB 413).

YHWH , uumaa samii fi warra xixxiqoodhaan mul'ata. Uumamni hundumtuu gocha argamuu isaati ibsa!

Hiika lakkoofsa kana irratti amansiisummaa hin qabu, Haa ta'uu malee ulfina Waaqayyoo kan ibsan warri xixxiqoon lola jala jiru, Waaqayyos isaan irraa ni dhorka isaan eegas, dhugaa isaa kan ibsan hundumaatiif akka godhe!

**8:2b** diina hamaa kana kan ibsan keeyata Booz hubadhu.

1. mormitoota – BDB 865 II, KB 1058, *Qal* PARTICIPLE
2. diina – BDB 33, KB 38, *Qal* PARTICIPLE
3. ijaa ba'aa – BDB 667, KB 721, *Hithpael* PARTICIPLE

Maqaa dinoota faarfattichaa irratti yaadannoo guutuu Far.1:5 fi 5:10 irratti ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 8:3-8

**[3]Ani gara bantiiwwan waaqa keetii**
**Warra harka keetiin hojjetamanii,**
**Gara ji'aa fi urjoota**
**Warra ati dhaabdee yeroon ilaalu,**
**[4]Ati akka isa yaadattuuf namni maali?**
**Ati akka isaaf dhimmituufis**
**Ilmi namaa maali?" jedhee nan gaafadha*.**
**[5]Yaa Waaqayyo, kana keessa immoo,**
**Xinnoodhuma ofii keetii gad isa goote,**
**Gonfoo guddinaa fi ulfinaa**
**Mata isaa irra keesse*;**
**[6]Hojii harka keetii hundumaa**
**Irratti isa moosifte, wanta**
**Jumdumaas miillan isa jala galchite*;**
**[7]Bushaa'ee fi sawwan hundumaa,**
**Bineensoota caakkaas akkasuma,**
**[8]Simbiroota qilleensa keessa balali'an ,**
**Qurxummiwwan galaana keessaas,**
**Waanuma galaana keessa daandii baafatee deddeebi'us.**

**8:3** lakkoofsi kun kan inni ibsu dinqisiifachuu namaati, samii halkanii yeroo ilaalan. Faayidaa namoota baay'eetiif (baha dhihoo durii) kan turan waaqefannaa waaqa tolfamaatiif madda sodaati. Israa'eeliif garuu ibsa YHWH ture (Uma. 1:14-19).

"Labsii" gochamni jedhu (BDB 465, KB 464, *Polel* PERFECT) faayida irra kan oole uumama Waaqayyootiif, Far.24:2, 119:90 irratti. lakkoofsi itti fufee jiru kan inni xiyyaafatu Waaqayyo nama uumuu isaa irratti (Kes. 32:6). Uumama, uumamni bareedaan kaayyoo qaba– kara Waaqayyo irra adeemuu fi tokkummaa ilmaan namootaaf (yaadannoo guutuu ilaali Far.2:8 irratti). Kitaaba qulqulluudhaan wanti hundumtuu Uma. 3 fi Mul. 20 gidduu kan jiru Waaqayyo Edeen Ganati keessatti tokkummaa bade deebisuuf 1-2 fi Mul. 21-22 wal cina kan ta'an kan akka tasaa miti!

▣ **"Kan hojii harka keeti"** kun qooqa fakiiduu caas-lugaati. Mata duree addaa ilaali, Far.2:4-6 irratti.

Kitaaba John H. Walton, *ANE Thought and the OT*, boqonaa 7, "Cosmic Geography," fuula 165-168 qayyabataa ammayyaa kan faayidaa (baha dhi'oo durii) worldi view yookiin akkaataa itti waa hubatan kan isanii nurraa baay'ee adda ta'u isaa kan mullisu akka dubbiftaniin isin gorsa!

Biiftuu fi ji'a waaqessuun biyyoota b'aa dhiyaa biratti beekamaadha. Seera Uma. 1 warri Baabiloon isa isaan urjoota waaqa irraa waaqessan ni morma, akkuma rukuttaan biyya Gobxii irratti dhufe waaqeffannaa waaqa tolfamaatiin mormu.

Waaqayyo qaamoota samii keessa jiran uumeera (Uma 1:14-19) ni too'atas .

## Mata duree adda: Waaqefannaa Ji'aa

Waaqefannaan ji'a kun sirritti kan fafaca'e seena afanii barii durii walladhiyoo bahaati, suumar irra kan jalqabe (Qaroomina jalqaba beekame). Seenaan afaniicha lamaan isaa iyyu, intaala fi ilma seena afanii qaba. Ijoodhan waaqni tolfamaan jia'a kun kan dufe waaqa tolfama midhaanii gudeeduu isattiin. *Ninlil* waaqa tolfama samii *Enlil* dhaan. *Enlil* waaqa tolfama ala gatame akkasumas hojii hojeeten tuffatame gara lafaatti darbatame. Garuu *Ninlil* ulfaata'u ishee yeroo beekte wal-qunnamtii gote. Ilmiisaas, *Sin* (ykn *Zin*) galgala galagal gara samii akka Ba'uu f eyyamameef.

Waaqefannaan ji'a fuula adda addaati hiirameera

1. Ji’a haara - *Asimbabbar*
2. Jia wallakaa – *in*
3. Ji’a Guutuu – *Nanaa* (suumeriyaanonni “ifa laachu” Iin-, “gooftaa Ogeessa ta’e *En-su*, irra”)

Maqoolin kun kan jedhaan “Gootaa Ogeessa” (jechuunis, siin) ykn “Ifa laata” /*Nanaa*), biyya Ur itti kaladootan kan waaqefany dha.

Yeroo hunda magaalon isa kan waamamu magaalawana jedhameeti wal-hoormanni lakkuu ziiguratasiitti in waaqefamu turan (pooramidii guggudaa; matan isa battee kan ta’e) magaalichatti kan daabatan. Waaqni aduu (*Shamash*) ijoolee lakkuu hangafaa tuxan, boodas *Ereshkigal* (ishee mootittii adunyaa isa lafa jalaa) fi *Nanaa* (mootuuusamii/waaqaa). Waaqefannan hanga ANE (Bahaa dhiyoo durii) hanga achiitti hafaca’e ture, garuu wiirtuu iddoo waaqefannicha kan turan:-

1. Ur
2. Kaaraan
3. Teema
4. Kana’aan
5. Makkaa

Seenaan afanii darbu kun, hoormaata guddise waaqeffannaa Astraali wajjin walitti hidha.
Kakuun Moofaan waaqefanna waaqa tolfama in balaalefata (Kes. 4:19) 17:3, 2Mot. 21:3;5, 23:5, Erm. 8:2, 19:13, Sof. 1:5) fi waaqefanna Hirmaataa (jechuunis *Ba’al* fi *Asherah*, *walaloo* Ugarit) Ibraanonni jalqabatti qubaatoota, waaqefanna ji’a baraarefachuun baay’ee of eegatu turan, sababi isaas waaqefannan ji’a waluuma galatti warra halkaniin biyya biyyatti adeema/qubatoota biraa amala isaani waan ture fi, karaa biraa immoo aduun sirritti kan itti waaqefamaa turee warra qotee bultoota naannoon ture. Turees biyya biyyatti deemtonni yeroo qubataan isaa boodas waaqefannan Astraal waluu magalatti rakkisa ta’e

**8:4** Walfakkeenya isa qabu isa isa bira jiru ilaalaa; dubbii dachaa walaaloo kana keessa jiru ilaalaa keessumaa Nama BDB 60; *enosh*, Far. 9:20, Far. 103:14 ilaali) fi “ilma namaa ” (BDB 119 akkaa itti ijaarame BDB 9, “ilma namaa,” “*ben Adam*,. Far. 144:3).
Enosh inn jedhu jechi inni jalqabaa hiika lama qaba.

1.BDB 60 I – dadhabaa, dhukkubsata, can cabu (goochima Ibrootaa irraa; *Niphal*, 2 Sam. 12:15 Isa. 17:11; Jer. 15:18; 17:9).
2. BDB 60 II bakka kanatti kan inni hojii irraa oole Ilmi namaa dadhabaa karaa hin jenneenidha.

Jechi inni lamataa Ilma namaa kan jedhu ilma namaa isa jedhuuf ciggoo dha (jechuunis Far 146:3, Hiz 2:1) Yahween xiyyeeffannaa itti kenna, isa fakkeaatee isa uumameef (Uma 1:26-17) uumama addaa kanaaf walitti dhufeenyaaf (Uma 3:8). Namoonni uumama isa angafaati. Haala adda ta'een Waaqayyoo wajjin kan firooman. Nuyi qaama uumama kanaati. Isa kan foonii utuu hin taane si'a tokko yeroo uumamnu kan bara baraati, uumama hafuuraa.

Namoonni ergamoota irra uumamaan ni caalu. Kun waanta nama kofalchiisu ta'uu danda'a beeka. Garuu na waliin yaada.

1. Ergamaan kam iyyu Waaqayyoon fakkaatee akka uumame hin dubbatamane (Uma 1:26-27)
2. Yesus ergamoota fayyisuuf hin duune (Ibr 2:14-16)
3. Amantoonnni ergamoota irratti faradu (1Qor 6:3)
4. Ergamoonni mucaa namaa tajaajilu (Ibro 1:14)

Sumer kan jedhamu irrattii fi isa himatee uumamaa warra babiloon irratti namoonni hamoota, rakkiftoota, kan sagalee isaanii ol kaasanii wacan akka ta'an dubbata (seensa Umama 1-11 ilalaa).

Macaafa Qulqulluu keessaatti garuu faallaa kanaa argina. Namoonni uumama Waaqayyoo uume keessaa isa xiyyeeffannoon irratti godhame akka ta'e argina.

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, NRSV, JPSOA, REB,** | **"akka isa yaadattuuf"** |
| **LXX** | **"isa Yaadachuuf** |
| **TEV** | **"isaan yaadachuuf"** |
| **NJB** | **"isaaniif yaada qabaachuuf"** |

Gochimich (BDB 269 KB 269 *Qal* IMPERFECT) hiiki isaa "yaaduu" "gaarummaan yaaduu " akkaataa jedhuun Far. 9:12; 78:39; 98:3; 103:14; 105:8,42; 106:45; 111:5; 115:12; 136:23) keessatti. Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo hunda, Waaqayyo cubbuu namootaa akka hirraanfatu yeroo dubbatu, akkasuma namoonni Waaqayyoon "akka yaadatan" dubbata. garuu bakka kanatti faarfatichi kan inni ajaaybsiifatu bareedina uumamaatii fi ballina isaatti. Akkasumas uumaan biyyatti lafaa tokkittii kana irra kan jiraatu uumama isaa isa adda ta'e kanaa yeroo fi yaada akka qabuufi kan agarsiisu yaada qaba!Haa ta'u malee kun gaafii beekumsaati/kan baruumsa xin-waaqummaa; mitii ree jechuunis nachuraalizim kan jedhan uumamni kaayyoof uumamuu isaa waliin morma)

**8:5** lakkoofsa kana irratti ulfinni namootaa fi kabaji isaanii ni mullata. Hojjetmnerra goochimni jedhu (BDB 341) KB 338 *Piel* IMPERFECT Lallaba 4:8) hiik isaas "akka dhsbu taasifamuu"yookiin "gad deebi'aa gochuu" matuma isaa waaqayyoodhaaf (*Elohiim*). LXX kan inni kana hiiku akka "ergamaatti" (Ibr 2:7) garuu qabiyyen barreeffama faarsaa 8 "waaqayyo jedha" faarsaan kun Waaqayyo isa waaqa seera Umamaa waant calaqqisiisuudhaaf. lakkofsi heeddumniaa "nuyi" kan jedhu immoo Umama 1:26, s:22, 11:7 walitti qabama Waaqayyoo isa waaqa irraa calaqqisiisus 1 Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; 2:1; Far. 82:1,6; 86:8; 89:6,8; Dan. 7:10), ergamoota geggeessumaa irraa jiran agarsiisa (Uma 3:5) ta'ees qabiyyee barreeffamichaa iraa kan ka'e "Waaqayyo" hunduma irra akka wayyu nan yaada.

*Enosh/ben Adam*

1. ulfina-BDB 458
2. surraa - BDB 214 dhaan akka guutame ilaali.

Namni uumama Waaqayyo keessaa isa ol aanaa dha. jarri kan uumaman walitti dhufeenya Waaqayyoo wajjin jiruudhaaf. Lafa irratti Waaqayyoof akka hojjettoota isaa warra warra kaan abboomaniitiitti (Uma 1:26). Uumamni foonii hunduu akka waltajjiiti Waaqayyoo fi namoonni akka wal arganiif akka tokkummaa waliin qabaataniifis (Uma 3:8)

8:6-8 Faarsaan 8:3 akkuma ibsa seera uummaa 1 qabu akkasuma lakkofs 6 qaba (Uma 1:28). Namoonni hojjettoot Waaqayyoo turan jannata keessatti (walummatti uumamni hunduu). namoonni ni abboomu, (BDB 605, KB 647, *Hiphil* IMPERFECT), ni bitu (BDB 461, KB 460, *Qal* IMPERATIVE, Uma. 1:28), aboo irratti qabu (BDB 921, KB 1190, *Qal* IMPERATIVE. Uma. 1:28) waltti dhufeenya Waaqayyoo waliin qabaniin qofa! namooataitti gaafatamummaa qabnuudha nuyi!

⊡ **"Hojiin haarka kee" Kun kan inni agarsiisu Seera Uumamaa boqonnaa tokko dha.** Iyoob 14:15; Far. 92:4; 138:8; 143:5), akkuma "hojii quba keetii" lak.3 irratti (Faar 102:25). Kan nama ajaayibu hojiin uumuu inni Uumama 1 irraa dubbii sagalee isaatiin. Nama qofatu karaa adda ta'ee fixiyyeeffanoo biraatiin kan uumame/hojjetame Uma 2:7 irratti Waaqayyo bifa namummaatiin yerooo ibsabu kan jedhu mataduree addaa ilaali. Faarsa 2:4-6 irraattis

8:7 Uumamni kunniin akkaataan tarreeffama isaanii isa Seera Uuma 1 irraa waliin deema. Faarfannaan kuun (akka faarsaa 104) Seera Uumamaa 1 waliin dubbifamuu qaba! Seerri Uumamaa 1-2 faaraffannaa

irra jiraannaan waa'ee akkaataa barreeffama isaafi jechaa jechatti kaa'amuu isaa waliin falmuu hin qabnu.

**Macaafa Faarfannaa 8: 9**

> **9 Yaa Waaqayyo gooftaa keenyaa**
> **Guddaa guddaa caalu attamiiti**

**8:9** Faarsaan kun kan innixumuramu akkuma jalqaba isaatti. (lak.1b) Macaafa qulqulluu keessatti taatota keessa inni guddaanii fi inni angafti Waaqayyoo dha!

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "Daa'moonnii" fi "samiin" akkamiin walitti firoomu?
2. Yaahiween "quboota" qabaa?
3. Yaahiween aduu dhaa fi ji'a uumuun isaa xini-waqummaa wajjin bu'a qabeessa qabaachuun isaa maalifi?
4. Lak 4a irra kan jiru "nama"? lakkoofsa 4b irra kan jjiru "mucaa namaa" wajjin akkamiin walitti firooma?
5. Namni ergamoota yookaan Waaqayyo irraa xiqqoo hirrataa? maaliif?

# FAARFANNAA 9

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Firdii Waaqayyootiif faarsaa galataa | Galtaa fi kadhata firdii qajeelaa Waaqayyootiif | Kadhata diinota dhuunfaa irraa ooluuf (faarsaa 9-10, booyicha) | Waa'ee firdii isaaf Waaqayyoof galata dhiyeessuu | Waaqayyoo hamoota ni rukuta warra gad of deebisan ni oolcha (faarsaa 9-10) qaxamureessa (Acrostic) |
| <u>Seensa MT kan qabuu</u> "Angafa farffattootaatiif Muutlaabeenetti faarsaa Daawiit" | | | | |
| | | | | 9:1 (*Alef*) |
| | | | | 9:2 |
| 9:1-2 | 9:1-2 | 9:1-2 | 9:1-2 | 9:3-4 (*Bet*) |
| | 9:3-5 | 9:3-4 | 9:3-4 | 9:5-6 (*Gamel*) |
| 9:3-6 | 9:6-8 | 9:5-6 | 9:5-6 | 9:7-8 (*He*) |
| 9:7-10 | 9:9-10 | 9:7-8 | 9:7-8 | 9:9-10 (*Waw*) |
| | 9:11-12 | 9:9-10 | 9:9-10 | 9:11-12 (*Zayin*) |
| 9:11-16 | 9:13-14 | 9:11-12 | 9:11-12 | 9:13-14 (*Hit)* |
| | 9:15-16 | 9:13-14 | 9:13-14 | 9:15-16 (*Tet*) |
| 9:17-20 | 9:17-18 | 9:15-16 | 9:15-16 | 9:17 (*Yood*) |
| | | 9:17 | 9:17-18 | 9:18 (*Qaaf*) |
| | 9:19-20 | 9:19-20 | 9:19-20 | 9:19-20 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kitaaba qulqulluu isa haaraa Yerusaaleem (NJB) kan inni mirkaneessuu Faarfanaa 9 fi Faaruu 10 qaxaamuraan ala akka uumamanii dha (LXX)

B. Qaxaamurawwan – ciigoo gosa adda addaati. Tokkoon tokkoon qubee fiixan baasuuf\
 1. Darbee darbee jechi faayidaa irra ni ooladarbee
 2. darbee gosi jecha adda addaa faayidaa irra ni oola
 3. Galima dubbii dacha uumamaa kan hin ta'in ni uumamu
 4. Fakiduuwwan hin baratamnee fi qooqi fakkeenyaa ni uumamu
 5. Akkaataa fayyadama waliingaa

Kan warra durii, qubeen fayyadama moortuu akka qabantu itti dhaga'aama (jechuun, Kabala, barreefama Raas Shaamiraa).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 9:1-2

**1 Garaa koo guutuudhaan sin galateeffadha yaa Waaqayyo!**
**2 Ani sitti nan gammada, nan burraaqas;**
**Maqaa kees Faarfannaadhaan nan jajadha, yaa aabba!**

**9:1-2** buusaan furtuu kanaa wal cina shan qabu.

1. Galatan dhi'eessa – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT, bifa wal cinaatiin faayidaa irra kan oole
2. Nan dubbadha - BDB 707, KB 765, *Piel* COHORTATIVE
3. Nan gammada - BDB 970, KB 1333, *Qal* COHORTATIVE
4. Nan gammada - BDB 763, KB 836, *Qal* COHORATATIVE
5. Galata nan faarfadha - BDB 274, KB 273, *Piel* COHORTATIVE

Isaan kun hundumtuu YHWH dhaa wajjin adeemu (jechuun, inni guddaan). Galata dhi'eessuudhaa fi ol ol qabuun gochaa ilmaan namaati. Isaan kun kan dhi'ootti, walitti dhufeenya dhuunfaa, Waaqayyoo wajjin kan godhamu kan guyyaa guyyaa mallattoo walitti dhufeenyaati.

Arfanuu "Ani nan godha" ilaalaa, lakkoofsa 1-2 irratti kan jiran, shananuutiin "Ati gootetta" irratti hundaa'uu isaaniitiin Far.9:4-6. YHWH n godheera! Amma immoo duuka buutuun isaa galateeffachuu ni danda'u!

**9:1 "Laphee koo hundumaatiin"** kun ciigoo Ibirootaati, raawwatee kennamuu Far.86:12, 111:1, 138:1, 1Mot. 8:23, 61, 11:4, 1Sen. 28:9). B "Laphee" mata duree addaa ilaali, Far.4:7 irratti.

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB, NJB** | |
| **JPSOE** | **"dinqii"** |
| **NKJV** | **"hojiiwan dinqisiisaa"** |
| **NRSV, REB** | |
| **LXX** | **"hojiiwwan dinqisiisoo"** |

Kun caasefama Ibirootaati (BDB 418 fi BDB 810, keeyata Booz). Mata-duree armaan gadi jiru ilaali.

## MATA-DUREE ADDAA : WANTOOTA AJAA'IBSIISOO (פלא)

Jechi kun (BDB 810) kan inni ibsu ijoolleen namaa karoorfachuu kan hin dandeenye gochawwanii dha, yookaan keessaa iyyuu isaaniif ibsuun kan isaan hin dandeenye gochaawwan, innis ajaa'ibsifachuu fi soda kan uumu (Uma. 18:14, Erm. 32:17, 27, Zak. 8:6) gochama

1. Seera Ba'uu, Bau, Bau. 3:20, 34:10, Mik. 715
2. Dha'ichawwan Kes. 28:59
3. Yordaanosiin ce'uu Iya. 3:5
4. Haloota Waaqayyo gara fuulduraa Abo. 6:13, 1Mot. 16:9, 12, 24, Nah. 9:17
5. Dhaloota Saamson, Abo. 13:19
6. Jaalala Daawit Yoonataniif qabu, 2Sam. 1:26
7. Yeroo hundumaa Iyoob irratti, 5:9, 9:10, 10:16, 37:5, 14, 42:3
8. Yeroo sodommii lamaa, faarfannaa irratti
9. Gorsa YHWH , Isa. 28:29
10. Gochawwan YHWH , Isa. 29:14 (yeroo lama), Iyu'eel 2:26

Maqaa

1. Seera BA'uu, Bau. 15:11, Far.77:11, 14, 78:12
2. Warra du'an wajjin kan wal qabate 88:10, 12
3. Samiin gocha YHWH galateeffata, Far.89:5
4. Seerrata YHWH , Far.119:129
5. MAsihii YHWH , Isa. 9:6
6. Gochawwan YHWH , Isa. 25:1, 29:14
7. Gochawwan bara dhumaa, Dan. 12:6\

Waaqayyo humnaan, karaa labsamu hojjeta, ofii isaa mul'isuuf, uuma isa guddaaf (mucaa namaaf) . innis akka isa beekanii fi akka isatti amanan barbaada. Gochaawwan isaa kan ibsamanii dha, isaan gochawwan kun yaadaan kan galmaa'aan, fi isaan gochaawwan sanaan ibsamanii hubatamuun kan isaan irra jiraatu. YHWH n addunyaan akka isa beeku barbaada!

**9:2 "Sihiin –maqaa kees"** isaan kun wal cinaa dha. Waaqeffannaa irra kan jiru wantoota dhuunfaa hubadhu. Mata-duree addaa ilaali: maqaa YHWH Far.5:11-12 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 9:3-6

**3 Kunis diinonni koo gara booddee isaanii waan**
**Deebi'aniif,kufanis fuula kee duraa waan balleeffamaniif;**
**4 Ati dubbii koo ilaaltee anaaf faraddeetta,**
**Abbaa firdii isa qajeelaa waan taateef,**
**Barcuma firdii irra teesseetta.**
**5 Ati saba lafa irraa hundumaa ifattee,**
**Warra jal'ootas balleessitee,**
**Maqaan isaaniis yeroo hundumaa**
**Baruma baraa akka hin yaadatamne in goote.**
**6 Diinonni bara baraan caccabanii dhumaniiru,**
**Ati mandaroota isaanii iddoodhaa balleessiteetta,**
**Seenaan isaaniis badeera*.**

**9:3-6** kun illee YHWH galateeffata, akka abbaa murtii qajeelaatti (Far.9:4B).

1. Dinoonni gara booddee isaaniiti deebi'an, lakk. 3A - BDB 996, KB 1427, *Qal* INFINITIVE CONSTRUCT, (jechuun, kan ittiin waranaan)
2. Diinoonni in gufatan, lak. 3B - BDB 505, KB 502, *Niphal* IMPERFECT
3. Dinoonni ni badan, lak. 3B - BDB 1, KB 2, IMPERFECT
4. Warra Waaqa hin beekne iffatte, lak. 5A - BDB 172, KB 199, *Qal* PERFECT (kitaaba qulqulluu NET kana kan inni argisiisu "iyya lolaaf" dha, fuula 858, lak. 19)

5. Warra hamoota ni balleesite, lak. 5A, - BDB 1, KB 2, *Piel* PERFECT
6. Maqaa isaaniis haxooftee balleesite, lak. 5B, - BDB 562, KB 567, *Qal* PERFECT (jechuun lolaan du'an)
7. Magaalaa dinootaa diigde lak. 6- BDB 684, KB 737, *Qal* PERFECT

Amalli YHWH maal akka fakkaatu hubadhaa.

1. Murtookoo gooteetta
2. Qajeelina faradaa teessoo kee irra teesse
3. Far.9:7-8 (buusaa itti aanuu irratti mirkaneessuuf irra deebi'ameera)

Ta'uu kan danda'u "qajeelinaan faraduu" Yaahiweeti, Faarfattichaaf kan inni godhu, saba kakuu isaaf mootii ta'uun.

**9:3 "Fuula kee duraas ni badu"** gochamni kun (BDB 1, KB 2) lak. 5, 6, 18 irratti irra deebi'amu isaa hubadhaa. Innis faayidaa irra kan inni oole

1. Diina nama dhuunfaa
2. Warra Waaqa hin beekne
3. Kan miidhaman (alta'aan )

Inni ifatti kan inni argisiisu jireenya fooniiti, ta'us garuu immoo le'ii bara baraatti (lak. 6, ciigoo Ibirootaa). Waaqayyoo fi saba isaatiin mormuun gocha isa hamaadha, rakkina yeroos ta'e kan raawwi.

**9:5 "Saba Waaqa hin beekne"** bifa wal fakkaataa dha, nama dhuunfaa tokko irraa "saba Waaqa hin beekne" (Far.9:17-20), Far.7:6-7 irratti mul'ata. Faarfannaan baay'een namoota dhuunfaatiin kan barreefame Waaqefannaa wali wajjiin irratti kan hundumaa ta'u.

Dabalataanis immoo YHWH n akka abbaa murtootti kan isaan mul'atan yaadannoo ilaali Far. 7:7 irratti (Far.9"4-6, 7:8).

⊡ **"Maqaa isaaniis bara baraan akka hin yaadatamne goote"** "Dhaabbataa" ergaan murtii akkamitti akka irra deebi'ame hubadhu (Far.69:28).

1. Balleesite, lak. 5 (*Qal* PERFECT, Far.69:28, dabalataanis Lak. 5:23, Kes. 9:14, 25:19, 29:20 hubadhu)
2. Bara baraan, lak. 5 (mata-duree addaa asii gadii ilaali, bara baraan)
3. Bara baraan isaan diigi lak. 6 (*Piel* PERFECT Erm 25:9; 49:13)
4. yaadannoo isaanii badeera (Far.34:16, 109:15)

Lak. 5-6 kan na yaadachiisu Milkiyaas 1 irra kan jiru bantuu dubbiiti, achi irraas le'ii Israa'ee dhiibbaadhaan kan dhi'aatan, raawwii walii gala Edoom wajjin, kan YHWH jaalala kakuu akka ragaatti. Kan lamannuu saba naannicha garam jiru? isaan seenaadhaan badaniiru, Israa'eel osoo hin taane!

"Ni balleefaman" gochamni jedhu (lak. 1) kitaaba jireenyaa eeru danda'a.

## MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN (OLAM)

Sirrii hiikkaa jecha *olam*, עולם (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTTE, waraabbii 3, f. 345).

Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeenyota filataman qofaadha.

1. Wantoota durii
   a. Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
   b. Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
   c. Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
   d. Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
   e. Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
2. Yeroo fuulduraa (egerii)
   a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
   b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
   c. Jireenya itti fufeenya qabu,

(1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
(2) Waaqota, Far. 148:6

d. Jiraachuu Waaqayyoo
(1) Uma. 21:33
(2) Ba'u. 15:18
(3) Kes. 32:40
(4) Far. 93:2
(5) Isa. 40:28
(6) Er. 10:10
(7) Dan. 12:7

e. Kakuu
(1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
(2) Ba'u. 31:16
(3) Lew. 24:8
(4) Lak. 18:19
(5) 2Sam. 23:5
(6) Far. 105:10
(7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
(8) Er. 32:40; 50:5

f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
(1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
(2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5
(3) 2Sen. 13:5
(4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
(5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3

g. Masihii Waaqayyoo
(1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
(2) Isa. 9:6

h. Seera Waaqayyoo,
(1) Ba'u. 29:28; 30:21
(2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
(3) Lak. 18:8, 11, 19
(4) Far. 119:89, 160
(5) Isa. 59:21

i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
(1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
(2) 1Mot. 9:5
(3) Far. 18:50
(4) Isa. 40:8

j. qajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
(1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
(2) Ba'u. 32:13
(3) 1Sen. 16:17

k. ayyaanota kakuu
(1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24

(2) Lew. 23:14, 21, 41
(3) Lak. 10:8

l. Bara baraaf turuu bara baraa
(1) 1Mot. 8:p 13
(2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
(3) Isa. 26:4; 45:17
(4) Dan. 9:24

m. Wanta Faarfannoonni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
   (1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
   (2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
   (3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
   (4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
   (5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
   (6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
   (7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
   (8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2

3. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu ("bara hamma baraatti")
   a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
   b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
   c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa. Kakuuwwanii fi abdiiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7). Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayydama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa. Kakuu Haaraan abdiiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

## MATA-DUREE ADDAA: KITAABA WAAQAYYOO LAMMAN

A. Bifa tokkoon kan mata –duree addaa waamamn kan inni ibsuu
   1. Kan uumamaa (jechuun, uumama, Far.19:1-6)
   2. Qulqulluun sagalee isa (Far.19:7-14)

   Sababa kanaaf ani Saayinsii fi amantii gidduu a'umsa irratti walitti bu'iinsi kam iyyuu hin jiraatu jedhe kanan yaadu, dhugaa hundumaa dhugaa Waaqayyooti. Adaraa keessaan yaada bal'aa koo ilaalaa, Uma. 1-11 sarara weeb site bilisaa www.freebiblecommentary.org

B. Kitaaba qulqulluu irratti kan eeraman kitaabni lama jiru (Dan. 7:10, Mul. 20:12)
   1. Hojii namaa hundumaa kan qabate kitaaba, gaariis ta'e hamaas. Kunis fakiiduu Waaqayyoon yaadachuu kan argisiisu dha, guyyaa tokko namootni hunduu uumaa isaaniif deebii ni kennu, soortuu jireenyaaf kennaa isaanii kennameen.
      a. Faarfannaa 56:8, 139:6
      b. Isaayaas 65:6
      c. Milkiyaas 3:3:16
      d. Mul'ata 20:12-13
   2. Kitaaba tarreefama qaban, amanti/qalbi jijjirannaa/abboomamuu walitti dhufeenya guutame YHWH irraa/Yesus wajjin kan isaan qaban. Kun yaadannooo fakiiduu Waaqayyooti, kan oolfamanii fi kan waaqa irraa warra ta'aaniif.
      a. Seera Ba'u 32:32-33
      b. Faarfannaa 69:28
      c. Isaayaas 4:3
      d. Daani'eel 12:1
      e. Filliphiso'us 4:3
      f. Ibiroota 12:23
      g. Mul'ata 3:5, 13:8, 17:8, 20:12, 15, 21:27
      h. Dabalataanis 1Henook irratti eerameera 47:3, 81:1-2, 103:2, 108:3

   Isaan kitaaboonni kun Waaqayyoo amanamummaan inni sagalee isaaf qabu bakka bu'u. Warra fincilanii fi warra tolee hin jennee cubbuu isaanii isaanitti lakkaa'a, warra qalbi jijjiratan, warra abboomaman, warra tajaajilan, fi warra obsan, inni cubbuu isaanii hin yaadatu (Far.103:11-13, Isa. 1:18, 38:17, 43:25, 44:22, Mikiyaas 7:19). Waabdi baay'eedhaa fi amanachuun jira, Waaqayyoon kan hin jijjiramne, amala hararamuu, abdii, fi soortummaa. Waaqayyoo kan amanmee dha!

## MACAAFA FAARFANNAA: 9:7-10

**[7]Waaqayyo immoo bara baraan teessoo isaa irra jira,**
**Barcuma firdii isaas jabeessee dhaabbateera.**
**[8]Inni biyya lafaa qajeelummaadhaan in seerrata,**
**Saba hundumaafis firdii qajeelaa in kenna*.**
**[9]Waaqayyo warra gad qabamaniif**
**Da’oo ol jedhaa dha, isaan**
**Yeroo rakkinaatti da’oo isa in godhatu.**
**[10] Yaa Waaqayyo, warri maqaa kee**
**Beekan koolu sitti in galu,**
**Ati warra si barbaadan hin ganne’o.**

**9:7-8** warri Waaqa hin beeknu ni dhufu ni deemu, Waaqa qajeelaa/abbaa murtii wajjin bu’uura walitti dhufeenya isaan qaban (Far.89:14).

### MATA-DUREE ADDAA: ABBAA MURTOO, MURTII, FI HAQA ( טפ ) ISAAYAAS IRRATTI

kun bal’inaan jecha faayidaa irra ooluu dha (BDB 1047) kan Kakuu Moofaa. Niidoot, jildii 4, fuula 214, tamsaasa isaatii fi faayidaa isaa of kessatti qabata.

1. Peentaatinoota, 13%, abbaa murtoo namaa
2. Kitaaba seenaa, 34%, geggeesitoota namaa
3. Ogummaa og-barru, 22% gocha hafuuraa
4. Raajoota, 31%, irra caalaan gocha hafuuraa

gabatee kanatti fufee jiru ilaali

| YHWH Akka abbaa murtootti | Masihii akka abbaa murtootti | Kan Israa’el garee harkifataa | kan Israa’el Murteesitoota yeroo |
|---|---|---|---|
| 2:4 | 9:7 | 1:7, 21, 23 | 3:2 |
| 3:14 | 11:3, 4 | 26:28 | 5:7 |
| 4:4 | 16:5 | 56:1 | 10:2 |
| 5:16 | 32:1 | 58:2, 8 | 59:4, 9, 11, 14, 15 |
| 28:6, 17, 26 | 40:14 | | |
| 30:18 | 42:13,4 | | |
| 33:5, 22 | 51:4, 5 | | |
| 61:8 | 53:8 | | |
| 66:16 | | | |

Israa’eel amala YHWH ormaaf akka callaqqisiisu ture. Hin taaneef, kanaaf YHWH n tokkoo “kan yaadamu”

warra Israa’eel ni kaasa, kan isaa argama qaama addunyaatti raawwachuuf (jechuun, MAsihii, Yesus nama Naazireet, Kristoos, Isa. 52:11-53:12)!

**9:7**
**NASB** **“ni jiraata”**
**NKJV** **“ni jabeessa”**
**NRSV, TEV**
**NJB** **“teessoo isaa irra ta’aa”**

Faarfannaa 9:7 raawwatee faallaa dha lak. 5-6. Warri hamootni ormaa kan yerooti, Waaqni Israa’eel garuu teessoo isaa irratti (BDB 442, KB 444, *Qal* IMPERFECT, Far.10:16, 29:10).

Gochamni lammaffaan kan lak. 7, “ni qopheesse” (BDB 465, KB 464). *Polel* PERFECT, inis kan isaa teessoo bara baraa kan ibsu!

**9:8 “Innis addunyaatti qajeellummaadhaan farada,”** irra deebinis dhimma barumsa hafuuraa “Addunyaa” hiika jedhuu dha (BDB 385). Far.96:13 fi 98:9 irratti, jechi kun *erets* wajjin wal cinadha (BDB 75, mata-duree addaa ilaali: lafa, biyya, lafa Far.2:2 irratti). innis kan inni argisiisu bara sanatti “bara beekamu dha. Ta’us, Kakuu Haaraa irraa yaad-rimeen kun guutummaa addunyaa of-keessatti qabata (jechuun, Yohaannis 3:16).

**9:9 “Dahoo”** gochamichi (BDB 960) hiiki isaa “ol-jechuu” dha. Maqaan isaa dhaabbataatti ol=ka’uu Waaqayyoof, jabina isaa, fi dahoo fayyummaatiif yookaan daannoodhaaf faayidaa irra ni oola (Far.9:9 [yeroo lama], 18:2, 46:7, 11, 48:3, 59:9, 16, 17, 62:2, 6, 94:22, 144:2). Kun kan fayyummaatii fi ciigoo dahooti. Duuka-buutuu amanamaadhaaf (lak.10) Waaqayyoon keenya dahoo keenya, kan biraan homtu hin jiru!

“Yeroo rakkinaatti” gaalee jedhu hubadhaa, lak. 9b irratti, akkasumas Faru10:1b irratti argama. Innis Kakuu Moofaa irratti as qofatti kan inni argamu. Shakkiin tokko tokko jira, “rakkoo” jedhamee waa’ee jecha hiikame qofa (BDB 131). Erm. 14:1, fi 17:8 irratti inni kan jedhu “hongee” dha, ta’us garuu hiikni sun asitti wal hin simu. Jechi hima qofaan akkasumas wantootni barreefamaan ramaddiin hiika akka qabu yaadadhaa.

**9:10** kun galima ciigoo dhugaa kitaaba qulqulluu isa olaanaati kan inni ibsu. Yaada koo asi gadiitti kaa’eera, Isa. 26:3-4.

Jecha Ibirootaas “beekuu” mata-duree addaa Far.1:6 ilaali.

**Isaayaas 26**

**26:3 “Lubbuu sitti hirkatuu raawwatee nagaatti eegda”** kallattii kakuu hubadhu.

1. Yaadni amanichaa YHWH (BDB 701, KB 759, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE , bifa ammaatiin faayidaa irra kan oole, 1Sen. 29:18).
2. YHWH n isa/ishee ni eega (BDB 665 I, KB 718, *Qal* IMPERFECT, walitti dhufeenya kakuu hirmaatootni lama jiru, mata-duree addaa ilaali 1:19 irratti).
3. “Nagaa guutuu” dabalata *shalom* (BDB 1022 . DSS). Kun kan diribbii jechaa kutaa Isaayaas kana irratti baay’ee kan baratamee dha.

▣ **“Sitti amanateera hoo” “**amanachuu” jechi jedhu (BDB 105, KB 120, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE) hiikni isaa”YHWH tti amanachuu” dha (12:2, 26:4, 36:15, 37:10, 50:10). Lakkoofsi itti fufuu jecha wal fakkaataa akka IMPERATIVEti akka jiru hubadhaa. Kun faayida qabeessa kan ta’e yaad-rimee barumsa hafuuraati, Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenyi dhuunfaa waa’ee barbaachisummaa isaa, abboomamuu qofa osoo hin taane. Lammanuu isaan guddoo dha!

**26:4 “Bara baraan Waaqayyotti amanaa”** gochamichaaf (BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERATIVE), mata-duree addaa ilaali 22:23 irratti.

Sarara jalqabaa irratti Lak. 4 maqaan malakatichaa YHWH dha, sarara lammaffaa irratti kan YHWH fi wal makaa kan YHWH , mata-duree addaa ilaali 1:1 irratti.

“Bara baraan” jechi jedhu (BDB 723 I), kan jalqabaa kan lak. Baay’ee isa booda kan lakkoofsa qeenxee (caaseefamni, 65:18, Far.83:18, 92:8). Caaseefamni kun, “Bara baraa” wajjin (BDB 761), YHWH dhaaf faayida irra kan oole, kan argisiisu jireenya kana booda kan ta’u walitti dhufeenya dhuunfaa (Lak. 14, 19, Far.23:6) .

▣ **“Kattaa bara baraa qabna”** “Kattaa” jechi jedhu fakiiduu dha, amala Waaqayyoof kan hin jijjiramne (Far.18:1, 2, Isa. 17:10, 30:29, 44:8).

**9:10 b** amanamummaa YHWH tiif sagalee ajaa’ibsiisaa akkamiiti! Kun kan Faarfannaa ergaa irra deddeebi’aadha (Far.37:28, 94:14). Abdiin amantootaa amala hin jijjiramne haraara qabeessa isa ta’ee dha uumaa dha (Mil. 3:6)

## MATA-DUREE ADDAA: AMALA WAAQA ISRAA’EEL

1. Kan ho’u (BDB 933) – Bau 346, Kes. 4:31, 2Sen. 30:9, Far.86:15, 103:8, 111, 4 Nah 9:17, 31, Iyyu. 2:13, Yona. 4:2

2. Abbaa surraa (BDB 337) –Bau. 34;6, 1Sen. 30:9, Faru86:15, 103:8, 111:4, Nah. 9:17, 31, Iyyu. 2:13, Yona. 4:2
3. Dheekamsaaf suuta kan jedhe (BDB 74 caaseefama BDB 60) – Bau. 34:6, Far.86:15, 103:8, Nah. 9:17, Iyu. 2:13, Yona. 4:2
4. Jaalalaan kan guute (BDB 912 I caasefama BDB 338) – Bau. 34:6, Far.86:15, 103:8, Nah. 9:17, Iyu. 2:13, Yona. 4:2
5. Amanamummaa (BDB 54) – BAu 4:6, Far.86:15
6. Haraaraan kan guute (BDB 699) – Nah. 9:17
7. Kan isaan hin dhiifne (BDB 736 I) – Nah. 9:17, 31
8. Hameenyaafis kan gaabbe (BDB 636, KB 688, keeyata Niifaal +BDB 948) – Iyyu. 2:13, Yona. 4:2
9. Waaqa guddaa (BDB 42, 152) – Nah. 1:5, 9:32
10. Guddaadhaa fi kan sidaachiisu (BDB 152, 431) – Nah. 1:5, 4:14, 9:32
11. Kakuu isaa kan eeguu (BDB 1036, 136) – Nah. 1:5, 9:32
12. Jaalala jabaa (BDB 338) – Nah. 1:5, 9:32

## MACAAFA FAARFANNAA: 9:11-16

**9 Waaqayyo, warra gad qabamaniif**
**Da'oo ol jedhaa dha,**
**Isaan yeroo rakkinaatti da'oo isa in godhatu.**
**10 Yaa Waaqayyo, warri maqaa kee**
**Beekan kooluu sitti in galu,**
**Ati warra sibarbaadan hin ganne'o.**
**11 Waaqayyo isa Xiyoon irra**
**Teessoo isaa dhaabbate**
**Faarfannaadhaan jajadhaa!**
**Hojii isaa hundumaas saba lafa irratti labsaa!**
**12 Inni dhiiga dhangala'eef gumaa kbaasu,**
**Warra gadadamoo in yaadata,**
**Wawwaannaa isaaniis hin irraanfatu*.**
**13 Yaa Waaqayyo anaaf oo'i!**
**Gadadmuu koo isa warra na jibban biraa**
**Anatti dhufe ilaali!**
**Afaan boollaa irra yoo ga'e**
**Iyyuu, ati ol na deebisi*!**
**14 Yommus ani waanan ittiin si jajadhu hundumaa**
**Karra Xiyoon keessatti nan hima,**
**Na gargaaruu keetiifis walg ijoollee ishee duratti**
**Guddaa nan gammada*.**
**15 Sabni lafa irraa boollaa ofii**
**Isaaniitii qotanitti gad in liqimfaman;**
**Kiyyoodhuma dhoksaniinis miilli isaanii in qabame*.**
**16 Waaqayyo, firdii kennuu isaatiin of beeksise,**
**Namni jal'aan waan harka isaatiin hojjeten in**
**Korokkodame. [Sagalee mi'a ribuu qabutu**
**Gidduutti dhageessifame.]** **Higgaion Selah.**

**9:11-12** kun in galateeffama sababa murtii ifaaf (lak.. 12, 15-16).

1. Dhiiga dhangalaasuu ijaa ba'aa
2. Iyya isa dhiphatee hin hir'aanfatu

Firdiin isaa yaada hamaa cubbamaa irratti mul'ata, isattis mataa isaanii kan hidhan (Lak. 15-16).

**9:11 "Tsiyooniin kan jiraatu"** Tsiyoon gaaraa Yerusaaleemiiti, achitis daannoon warra Iyaabuus kan turee fi Daawitiin kan qabame. Innis gaara kana irratti mana mootummaa isaa ijaare. Magaalicha guutuudhaafis maqaa waamichaa ta'e.

Yerusaaleem, keessumatti gaara Mooriyaa irratti manni qulqullummaa jiru, YHWH "Kan keessa jiraatu" bakka ta'e, koochoo *Kirubeelin* gidduu, Taboota kakuuti ol. Bakki kun seera keessa deebi keessa kan jiru gaalee irra deddeebi'aa, "YHWH maqaan isaa akka keessa buluu bakka inni abboomee dha" kan jedhu raawwii kan argatee dha.

**9:12**
**NASB** **"dhiiga isaanii kan gaaffatu"**
**NKJV, NRSV** **"dhiiga isaanii ijaa kan ba'u"**
**NJB, REB** **"dhiiga isaanii ijaa kan ba'e"**
**JPSOE** **"dhiiga dhangalaasuu kan sakata'u"**

Gaaleen kun Uma. 9:5-6 wajjin wal qabata. Jireenyi kennaa Waaqayyo irraa ta'ee dha. Eenyuumtuu kennaa kana kan fudhatu Waaqayyo duratti deebii kennuutu irra jiraata, kanaaf jireenya mataa isaati/mataa isheetti ni kaffala (Keessa deebii 32:43).

Booda irratti kun akka yaada Ibirootatti "dhiiga ijaa kan ba'u" gara jedhuutti jabaachaa dhufa (jechuun, Iya. 20:3, 5, 9).

▣ **"Yaadeerahoo…. Hin hiraanfanne hoo"** "Yaadu" irraa "Hiraanfachuu" (alta'aa) wajjin akkamitti wal cina akka ta'e hubadhaa. Inni saba isaa hin hiraanfatu!

**9:13-14** Inni hamaan lubbuu isa faarfatuu ni barbaada (jechuunis kan mootichaa) YHWH garuu isaa isa oolche. Amma YHWH galateeffachuu fedha. godoo inni keessa buufatu/mana qulqullummaa keessatti (Tsiyoon keessa is jiraatu lakk 11)

1. "anis nan dubbadhaa" – BDB 707, KB 765, *Piel* COHORTATIVE
2. "anis nan gammada" – BDB 162, KB 189, *Qal* COHORTATIVE

**9:13 "balbala du'aa"** *Sheol* (yaadabboo Far. 6:5 irraa ilaali) akkasitti kan ibsame

1. awwaala banamaa/boolla (cf. Exod. 15:12; Num. 16:22; 26:11; Ps. 124:3; Pro. 1:12)
2. bineensa foon nyaatu (Isa. 5:14; Inbaqoom. 2:5)
3. magaala karra qabdu (Job 38:17; Far. 107:18; Isa. 38:10; Matt. 16:18) yookiin
4. mana hidhaa karra qabu ( Mul. 1:8; 9:1; 20:1)

**9:14 "Ijoollee Stiyooniin karra isheen"** ifaa kan ta'ee dhiibbaan jira, "Karra du'aa" lak. 13c fi kan Yerusaaleem/mana qulqullummaa lak. 14c gidduu. Yaadannoon jalqabaa hin jiru, ta'us garuu galata lammaffaa fi yaadannoon jira, YHWH dhaaf.

**9:15-16** kan ja'ani yeroo xumuraman tarreefama hubadhaa. Loltuun diinaa YHWH dhaan mo'amuu isaa (jechuun, warana qulqulluu, mo'icha nuuraa) kan xiyyaafatuu dha.

**9:15** diini faarfaticha saboota ta'uu isaanii hubadhu. (lak. 17) namoota dhuunfaa osoo hin taane. kanaaf, kun mooti ta'utuu irra jira, kanaaf seensi baratame sirrii ta'uu danda'a.

**9:16** Kakuu Moofaatti amallii Waaqayyoo kan mul'atu yeroo keessatti, gocha isaatiin.

1. Ayyaana, haraaraa, fi jaalala saba kakuu isaatiif
2. Murtoo fi dheekamsa dinoota isaa irratti

Yaada isa hamaa (karoora) galagalchuu isaa hubadhu. Kan biroo irratti kan isaan yaadan ofi isaanii irratti ta'e.murtoon Waaqayyoodhaan seerata uumamaa irratti ijaarameera.

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV, JPSOE** **"in qabame"**

| | |
|---|---|
| **TEV, REB** | **"in qabame"** |
| **NJB** | **"kiyyoodhaan"** |
| **LXX** | **"kiyyoo "** |

MT "nirukutame" kan jedhu qaba BDB 669, KB 723, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE (Kakuu Moofaatti as qofatti qofa kan inni argamu). Hikoonni ingillifaa hunduu isa kan isaan argisiisan akka *Niphal* PERFECT of BDB 430, KB 432, "qabuu" yookaan "kan ittiin qaban" . kan UBS pirojektii barreefamaa (fuula 171) MT sadarkaa "C" kenna (sababa shakkii).

▣ **"Higayoon"** BDB (212, seensa faarfannaa VII yaadannoo ilaali) kanas kan ibsu akka

1. Sagalee garagaraaa (Far.92:3)
2. Himata, callisuu (Far.19:14)

Innis Faru.ermiyaas 3:62 irratti akka "dubbii Yehosaas" kan jedhuun hiikameera (KB 238).

▣ **"Selaah"** Faarfannaa 3:2 irra yaadannoo jiru ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 9:17-20

**17 WAri jal'oonni gara iddoo lafa jalaatti**
**Lafa irraa warri Waaqayyoon**
**Irraanfatanis akkasuma gad haa lixan.**
**18 Warri wanta barbaachiisaa dhaban,**
**Irraanfatamanii hin hafan,**
**Abdiin warra gadadamoos bara**
**Baraan hin badu*.**
**19 Yaa Waaqayyo, humni namaa**
**Harka akka hin fudhannetti, ati ka'i!**
**Sabni lafa irraa siduratti**
**Firdii akka fudhatan godhi*!**
**20 Yaa Waaqayyo, sabni lafa irraa**
**Namootatuma foon uffatan duwwaa**
**Ta'uu isaanii akka beekaniif,**
**Ati pherpheramuu isaanitti fidi!** **Selah.**

**9:17-28** cubbamaan guwwudhaan akka godhu (jechuun, gara *Si'oolitti* deebi'u), (rakkataa (BDB 2) fi rakkina kan fudhatu (BDB 776, "hiyyeessa") YHWH dhaan obsamu.

**9:17 "saba Waaqayyoon irraanfatan hundumaa"** baay'een isaanii dinoota Israa'eel naannoo sana warra Waaqa hin beekneetu ture, waa'ee YHWH muraasa kan beekan. "Hir'aanfachuu" gochamni jedhu (BDB 1013) kan inni argisiisuus dhugaa irraa akka gala galanii dha, tokkummaan isaa, waaqollii tolfamoo sobaa akka waaqessan.

**9:19-20** isaan galimni dhumaa lamman, YHWH n akka hin goone jecha duraa fi aantee qabateera.

1. Ka'I – BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE (faallaan isaa Far.9:4b, 7, achis teessoo isaa irra kan taa'e, gocha lola hafuuraaf waamicha gochuu)
2. Namnis akka hin jabaanne –BDB 738, KB 808, *Qal* IMPERFECT, bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole
3. Warri ormoonnis fuulakee duratti itti ha faradamu – BDB 1047, KB 1622, IMPERFECT bifa dhiibbaadhaan faayidaa irra kan oole
4. Sobaa isaan irra buusi –BDB 1011, KB 1483, *Qal* IMPERFECT
5. Warri ormoonni namoota akka ta'an beekaa– BDB 393, KB 390, *Qal* IMPERFECT , bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole (Far.62:9, 90:5-6, 103:14, Isa. 40:7-8)

**9:20 "Seelah"** faarfannaa 3:2 irra kan jiru yaadannoo ilaali.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lak. 3 agarsiisa mana murtii maaliif ta'e?
2. "Orma" fi "hamaa" lak. 5 irratti akkamitti walitti dhufu?
3. Lak. 13 fi 14 irra kan jiran kan adda addaa "balbalawwan" ibsi.
4. Si'oolii fi boolli gadi fagoon akkamitti walitti dhufu?

# FAARFANNAA 10

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Hamoonni akka badaniif kadhata | Faarsaa Amanachuu Waaqayyo hamaa irratti moo'icha argachuusaatti | Diinota dhuunfaa irraa ooluuf kadhata (Faarsaa 9-10 boo'ichaa qaxxaamereessa) | Kadhata waa'ee haqaa | Waaqayyo hamoota ni rukuta Warra of gad deebise ni oolchaa (faarsaa 9-10 kan itti fufe Qaxxaamureessa) |
| Seensa MT hin qabu | 10:1-2 | 10:1-2 | 10:1-2 | 10:1-2 *( Lameed)* |
| 10:1-2 | 10:3-4 | 10:3-4 | 10:3-4 | 10:3 (*Meem*) |
| 10:3-4 | 10:5-7 | 10:5-6 | 10:5-7 | 10:4 (*Nun*) |
| 10:5-11 | 10:8-11 | 10:7-8a | 10:8-9 | 10:5 |
| 10:12-15 | 10:12-13 | 10:8 b -9 | 10:10-11 | 10:6 a,b |
| 10:16-18 | 10:14-15 | 10:10-11 | 10:12-13 | 10:6c-7a |
| | 10:16-18 | 10:12-13 | 10:14 | 10:7 b-8b (*Pee*) |
| | | 10:14 | 10:15 | 10:8c-9 (*Ayin*) |
| | | 10:15-16 | 10:16 | 10:10-11 |
| | | 10:17-18 | 10:17-18 | 10:12-13 (*Qoof*) |
| | | | | 10:14 (*Resh*) |
| | | | | 10:15-16 (*Shiim*) |
| | | | | 10:17-18 (*Taw*) |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

## NASB FAARFANNAA:10:1-2

**[1]Yaa Waaqayyo, ati maaliif**
**Achi fagaattee dhaabatta?**
**Yeroo rakkinaattis maaliif of dhoksita*?**
**[2]Warri jal'oonni of bokoksanii**
**Warra rakkatoo sardanii in ari'u;**
**Isaan yaada namatti qopheessanii fidaniin**
**Ofii isaaniitii haa qabaman.**

**10:1** kun gaaffii baratamee dha, amantoota amanammoof addunyaa kufee keessatti. Hameenyaa fi rakkina yeroo hundaa nama ajaa'ibsiisu, akkasumas tibbawwan hin eegamne. Waaqayyo haraari qabeessii inni nu jaallate kun akka ta'u maaliif heyyama?

Deebii kitaaba qulqulluu kam iyyuu hin qabaatu, addunyaa kufee keessatti jiraachuu keenya irraa kan hafe. Kun Waaqayyo akka ta'u kan barbaadee addunyaa miti, yookaan gara fuulduratti kan dhufu addunyaa miti. Akka barumsa hafuuraa kooti mirkaneessuun kan narra jiraatu, Waaqayyo kan lamaanu rakkina cubbuu Addaam/Heewwan akka haamnu in heyyama, akkasumas kan keenya fillaannoowwan dhuunfaa. Innis karaa keenyaan nu oolchuuf cimee hojjeta! Jireenya kanaan/addunyaa irratti hameenyaa fi rakkinaan mata-duree irratti kitaaba fooyya'e, innis dhugaatti kan fudhate, kan John W. Wenham, *The Goodness of God*.

▣ Faarfattichi gaaffilee adda addaa lama fudhata ("maaliif") waa'ee Waaqayyoo walii galaa hambisu.

1. Fagaatanii dhaabbachuu - BDB 763, KB 840, *Qal* IMPERFECT
2. Of-dhosuu - BDB 761, KB 834, *Qal* IMPERFECT, Far.27:9, 55:1, 69:17

YHWH n abdii kenneera, saba kakuu isaati wajjin argamuu fi hirmaachuuf, ta'us garuu kan hafee fi ta'I jedhee cal kan jedhe fakkaata (Far.10:5A, 11)!

Kan sagalee isaati sanaaf wal cinummaa kan ANE ciigoon amala kee akka ta'e hubadhu (yaadannoo ilaali: ciigoo Ibirootaa).

Jechooni kun dhugaa irraa miti, ta'us garuu kan bita isaanitti galee fi miira amantoota miidhamaniiti malee.

**10:2** amala isa hamaa hubadhu.

1. Boonuu/of-tuuluu– BDB 196, KB 223, *Qal* IMPERFECT Far.31:18, 23, 36:11, 73:6
2. Jiba duukaa bu'uu –BDB 196, KB 223, *Qal* IMPERFECT, Uma. 31:36, 1Sam. 17:53, Far.Erm. 4:19
3. Yaada hameenyaa – BDB 362, KB 359, *Qal* PERFECT

Kun buusaa itti aanuu irratti guddachaa deemaa (lak. 3-4 fi 5-11).

▣ **"Hameenya namatti yaadaniin qabaman."** Kun NASB kan inni hiikame akka dhiibbaati (BDB 1074, KB 1779, *Niphal* IMPERFECT, bifa dhiibbaadhaan faayidaa irra kan oole), akka Far.10:15B akka ta'u.

Kun kan inni ibsu yaada barbaachiisaa Kakuu Moofaati, "agarsiisa galagalchoon." Wanti eegame hin ta'u, argamuu Waaqayyoo irraa kan ka'e.

## MACAAFA FAARFANNAA: 10:3-4

**[3]Namni jal'aan kajeellaa**
**Garaa isaatiin of in jaja,**
**Inni bu'aa argachuuf in saama Iyyuu dha;**
**In abaara, Waaqayyonis in Tuffata.**
**[4]Namni jal'aan of koorsuu isaatiin yaada isaa**
**Guutuudhaan, "Waaqayyo nama hin adabu,**
**Waaqayyo hin jiru" in jedha*.**

**10:3-4** kun illee dabalataan kan inni ibsu (1)waaqa tolfamaa warra waaqeffatan, (2) Waaqayyoon kan hin qabne, yookaan ta'uu yoo baate (3)gocha isaaniitiin Waaqayyo hin jiru" kan ta'an dinoota faarfatichaa ti (jechuun, Israa'eeloota kan biroo).

1. Abaarsa gooftaa - ta'us garuu yeroo muraasaaf "abaarsa" bifa jedhuun, (barreefamni "eebba," BDB 138, KB 159, Peeyil PERFECT , 1Mot. 21:10, 13, Iyoob 1:5, 2:9)
2. Waaqayyoon tuffachuu – BDB 610, KB 658, Peeyil PERFECT
3. Gooftaa barbaaduu –BDB 205, KB 233, *Qal* IMPERFECT
    1. Waaqayyoon akka kan biraatti yaadu – "hin jiru," BDB 34 II, "Waaqayyo," BDB 43 (gaalichi gochama hin qabu), Far.10:5 A, 11, 14:1, 53:1, kun dhimma Filisxeenummaa miti, ta'us garuu dhimma hojii irra ooluu dha. Baha dhi'oo durii (faayiidaa" kan turee hunduu bittaa hafuuraatti amana. JPSOE gaalicha kan inni hiiku "Waaqayyo akka hin dirqisifamnee" dha.

**10:3A** Kufaatiin Seera Uumamaa 3 uumaa irraa fageesse, jedhes gara mataa ofi isaati yookiin ofii isheetti godhate. Jireenyi keenya kan tamsa'u wantoota kan dhuunfaa ta'an, taayitaa, fi humna barbaaduudha. Awugoxinoos sirritti teesiseera, tokkoon tokkoon mucaa namaa bocaa fi fakkeenya Waaqayyootti (fakkeefame) ti kan inni uumame. Waaqayyo qofadha fedha sana guutuu kan danda'u, ta'us garuu mucaan namaa kufe guutuu yaala, kan yeroo/wantoota lafaa.

## MACAAFA FAARFANNAA: 10:5-11

**5 Karaan isaa yeroo hundumaatti**
**Wal in qixxaataaf, firdiin kee isa irraa ol fagoo Dha,**
**Warra isaan mormanitti immoo**
**Tuffiidhaan itti in qummaada*,**
**6 inni garaa isaatti, "Ani matumaa**
**Hin mittiqu, dhaloota hundumaa keessattis**
**Wanti hamaan ana hin argatu" jedhee in yaada*.**
**7 Dubbii afaan isaa keessaa ba'u kessa,**
**Abaarsa, wallaalchisa, gad nama qabuutu guute;**
**Arraba isaa jala jal'inaa fi hamminatu jira***
**8 Gandeen keessa riphee in taa'aa,**
**Iddoo dhokannaatti immoo**
**Warra yakka hin qabne in ajjeesa,**
**Iija isaatiinis wara rakkatanii**
**Of gargaaruu dadhaban in gaada.**
**9 Inni akka leenca caakkaa gobbuu keessatti,**
**Dhokatee in eeggata;**
**Inni nama rakkataa qabaa isaa keessa**
**Galfachuudhaaf in eeggata;**
**Kiyyoo isaatiin harkisees isa rakkataa sana in qabata.**
**10 Inni rakkatee of gargaaruu**
**Dadhabe sunis caccabee walitti in gala,**
**Human harka isa qabe sanaanis in kuffifama,**
1. Itti amaneera (BDB105, KB 120, *Qal* PERFECT) gaarummaa keetiin (mata-duree adda ilaali Far.5:7 irratti) amanachuun kallattii isa guddaa dha, amanaa isa dhugaatiif (Far.25:5, 42:5, 65:5, 78:22, 86:2). Yaadannoo guutuu Far.4:5 irratti ilaali.
2. Natti tola ((BDB 162, KB 189, *Qal* JUSSIVE) fayyuukeetiin (mata-duree addaa Far.3:7 irratti ilaali), innis akkaataa barreefamichaatiin deebi'uu fayyaa kan ibsu.
3. Nan faarfadha (BDB 1010, KB 1479, *Qal* COHORTATIVE).

Akka yaada Ibirootaatti du'I gara Si'oolitti karaa ittiin bu'anii dha, asitti eenyu iyyuu Waaqayyoon kan inni gallateefatu (Far.6:5, 30:9,88:10-12, 115:17, Isa. 38:18). Mata-duree addaa ilaali:Warri du'an eessa jiruu? Far.1:6 irratti. 6:5 fi 9:13 irra yaadannoo jiru ilaali.

Faarfatticha amantii isaa kan inni hundeessee amala YHWH fi gocha isaa irratti (jechuun, "Anaa wajjin guutummaatti godha," BDB 168, KB 197, *Qal* PERFECT).

**13:6 "Anaaf gaaruummaaf naaf godheera"** gochamni kun (BDB 168, KB 197, *Qal* PERFECT) yeroo baay'ee faarfannaa irratti faayidaa irra oolera, (Farf. 116:7, 119:17, 142:7). Kun kan gosa xumurame, dhugummaa faarfatichaa argisiisa, YHWH n karaa isaan gara fuulduraatti akka hojjetamu, fi kanaaf, hanga isaa duraan dursee akka godhame teesisa.

▣ **"Anaa wajjin"** bifa ajaa'ibsiisaan LXX kana maqaa waamichaa Waaqayyoo kan inni hiikamu –"isa ol-aanaa" kan jedhuun (NASB). Jijjiramni wal fakkaataan kun immoo Far.Irratti ta'a.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakkoofsa 1-2 duuka buutonni amanamoon addunyaa kufe irratti maal akka isaanitti dhaga'ame mul'isa. Kana qooqa mataa keen ibsi.
2. Du'a "Hirriba" dhaa?
3. "Arjummaa" ibsi tarreessi.
4. "Fayyina" jechi jedhu hiika isaa Kakuu Moofaa irraa gara Kakuu Haaraatti akkamitti jijjira?

# FAARFANNAA 14

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gowwummaa fi cubamummaa namootaa | Gowwummaa namoota Waaqayyoon hin qabnee fi carraa isa dhumaa | Firdii billa lafaa isa cubbamaa hamaa Faarsaa 53 | Hammeenya namaa Faarsaa 53 | Carraa -nama Waaqayyyoon hin qabnee |
| Seensa MT | | | 14:1 | 14:1 |
| "Angafa farffattootaatiif faarsaa Daawiit" 14:1-3 | 14:1 | 14:1 | 14:2-3 | 14:2 |
| | 14:2-3 | 14:2 | 14:4 | 14:3 |
| | | 14:3 | 14:5-6 | 14:4 |
| 14:4-6 | 14:4-6 | 14:4-6 | 14:7 | 14:5-6 |
| 14:7 | 14:7 | 14:7 | | 14:7 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 14:1-3

**[1] Gowwoonni garaa isaaniitti,**
**Waaqayyo hin jiru" in jedhu;**
**Isaan amalli isaanii manca'aa dha,**
**Wanta ciggaasisaa in hojjetu,**
**Namni waan gaarii godhu**

**Tokko illee hin jiru*.**

2 **Ogeessonni Waaqayyoon barbaadan,**

**Yoo jiraatan arguudhaaf,**

**Waaqayyo bantii waaqaa keessaa,**

**Ilmaan namootaa gad in ilaala;**

3 **hundinuu karaa irraa goraniiru,**

**Hundinuus wal ga'anii manca'aniiru,**

**Namni gaarii godhu tokko illee hin jiru,**

**Lakki, tokko iyyuu hin jiru*.**

**14:1 "Gowwaa"** Faarfannaan kun sirritti Far.53 wajjin wal fakkaata. Jechi kun (BDB 614 I) kan inni argisiisu namoota YHWH beekan ta'ani garuu inni jireenya isaanii irratti dhiibbaa akka hin qabaannee fillachuudhaan warra jiraatanii dha. Waaqa-malleessa ta'uun bifa warra Filisxeemiin faayidaa (Baha dhi'oo durii) hin turre, ta'us garuu baay'een saboota kakuu gochaan Waaqa malleeyyii turan (Kes. 32:6, 21, 2Sam. 13:13, Far.10:4, 11, 13, 53:1, 74:22, Hiz. 13:3). Kan Luqaas 12:48 fakkeenyi kan inni argisiisu namoota akka sanaati.

▣ **"Gowwaa"** akkam godhamee akka kaafame hubadhu.

1. Badeeraa – BDB 1007, KB 1469, *Hiphil* PERFECT (jechuun, haala mijaa'ee)
2. Wanta ciggaasisaa hojjetu – BDB 1073, KB 1765, *Hiphil* PERFECT (jechuun, haala mijaa'aa)

▣ **"Gocha ciggaasisaa"** kanaa gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali.

## Mata-duree addaa : Xureessitoota (Kakuu Moofaa)

"Xureessitoota" (BDB 1072) wantoota baay'ee argisiisu danda'a:

1. Wantoota warra Gibxii wajjin wal qabatan:
   a. Isaan warra Ibirootaa wajjin nyaachuu akka xuraa'ummaatti lakkaa'u turan, Uma. 43:32
   b. Isaan warra saawwa horsiisan ni ciiga'u turan, Uuma. 46:34
   c. Isaan haarsaa Ibirootaa ni cigaa'u turan, Bau. 8:26
2. YHWH n gochawwan warra Israa'eel wajjin miira jiru wajjin wantoota wal qabatan:
   a. Nyaata xuraawaa, Kes. 14:2
   b. Waaqa tolfamoo, Kes. 7:25, 18:9, 12, 27:15
   c. Hafuura xuraawaa waaqa tolfamoo, Kes. 18:9, 12
   d. Ijoollee *Molookiif* gubuu, Lew. 18:21-22, 20:2-5, Kes. 12:31, 18:9; 12, 2Mot. 16:3, 17:17-18, 21:6, Erm. 32:35
   e. Waaqefannaa waaqa tolfamoo warra Kanaa'aan, Kes. 13:14: 17:4, 20:17-18, 32:16, ISa. 44:19, Erm. 16:18; Hiz. 5:11, 6:9, 11:18;21, 14:,; 16:50, 18:12
   f. Horii mudaa qaban haarsaa dhi'eessuu, Kes.17:1 (15:19-23, Mil. 1:12-13)
   g. Waaqa tolfamaaf haarsaa, Erm. 44:4-5
   h. Dubartii duraan hiikan deebi'anii fuudhuu, Kes. 24:2
   i. Dubartoota wayyaa dhiiraa uffatan (waaqeffannaa warra Kanaa'aan ta'uu danda'a), Kes. 22:5
   j. Horii ejjaa waaqa tolfamaatiin argame (waaqefannaa warra Kana'aan) Kes. 23:18
   k. Waaqefannaa ormaa Israa'eel, Erm. 2:7
   l. Wal qunamtii saalaa dhiiraa fi dhiiraa (waaqefannaa ormaa Kana'aan ta'uu danda'a) Lew. 18:22, 20:13
   m. Madaallii sobaa fayyadamuu, Kes. 25:16, Fak. 11:1, 20:23

n. Seera nyaataa caban (waaqefannaa warra Kanaa'an ta'uu danda'a), Kes. 14:3

3. Fakkeenyawwan og-barruu:
   a. Fakkeenya. 3:32, 6:16-19, 11:1,20, 12:22, 15:8;9;26, 16:5, 17:15, 20:1;,23, 21:27, 28:9
   b. B.Faarfannaa 88:8
   c. Iyoob 30:10
4. Gaalee irra deddeebi'amaa Bara raawwataa qaba "Xuraa'ummaa badiisaa" innis Daani'eel irratti faayidaa irra kan oole (9:27, 11:31, 12:11). Innis ta'ii adda addaa sadii kan argisiisuu dha (raajii abbaa raawwii baay'ee):
   a. Antikis IV Ipifanes yeroo — dibamuu kitaaba qulqulluutti (1Maq. 1:54, 59, 2Maq. 6:1-2)
   b. Jeneraala Roomaatiif (booda irratti mooti kan ta'e), Tiito, innis Yersaaleemiin balleesee mana qulqullummaa isaa kan dhabamsiise, bara haraaraa 70 (Matt. 24:15, Mar. 13:14, Luqa. 21:20)
   **c.** Geggeessaa addunyaa bara dhumaa, "mucaa hameenyaa" jedhamee kan waamamu" (2Tes. 2:3-4) yookaan "mormituu Kristoos" (1Yoha. 2:18, 4:3, Mul. 13)

▣ **"Waan gaarii kan hojjetu namni tokko illee hin jiru."** Kun labsii wali galaati, mucaa namaa kufee haala hafuuraan, saba kakuu isaati yoo ta'an illee. Innis Far.14:2-3 irratti ibsameera. Namni kufee amala akkami akka qabu hubadhu.

1. Waan gaarii kan godhu hin jiru, lak. 1, 3 (kan of keessatti qabatu)
2. Kan yaaduu hin jiru
3. Waaqayyoon kan barbaadu hin jiru
4. Hunduu irraa deebi'aniiru (lak. 3 irratti yaadannoo ilaali)
5. Hunduu badaniiru

Inni tokko Uma 3 irratti mucaa namaa hundumaa irratti dhiibbaan inni geessise argisiisuu danda'a. Phaawulos lakkoofsoota cimmoo fi duraa fi aantee bakka tokkotti ka'aa'eera, fincila mucaa namaa irratti, Rom. 3:9-18:23.Innis Far.14:1-3, 53:1-4, 5:9, 140:3, 10:7, Isa. 59:7-8, Far.36:1 eerera. Dhugaan kun kan jalqabaa dhugaa Wangeelaati (Rom. 1:18-3:18). Wangeellii "misirachoo" dha, oduu hamaa irratti!

**14:2 " Waaqayyoo waaqa irraa ilaalee"** YHWH n samii irraa jiraachuu isaan ni ilaala (mata- duree addaa Far.8:1 irratti ilaali), innis achi taa'e lafa irraatti waan ta'u hundumaa ilaala, ni beekas (gocha, yaada, fedhii, Far.33:13, 14, 102;19, Iyoob 28:24). YHWH , waaqa tolfamaa irraa bifa guddaa adda ta'een argisiisa, ni beeka, ni godhas!

**14:3 "Hunduu gara cinaatti goran"** kakuu YHWH sirriitti ifee kan ilaalate karaa/faana/daandii dha. Sabni isaas kallatiidhaan (jechuun, kan qajeelinaa) fi karaa dhiphaan akka ta'an ture, isaan garuu hin goone. (Bau. 32:8, Kes. 9:12, 11:16, 17:11, 17, Abo. 2:17, 1Sam. 12:20, 2Mot. 22:2, Erm. 5:23, 17:13, 32:40). Irraa goruun isaanii beekuu dhiisuu isaaniitiin miti ta'us garuu ta'ii jedhamee fincila godhamee dha malee!

**MACAAFA FAARFANNAA:14:4-6**

**4 Warri hamaa hojjetan hundinuu homaa hin hubatanii ree?**
**Warri akkuma buddeena nyaatan saba koo nyaatanis,**
**Waaqayyoon hin waammatanii ree*?**
**5 Kunoo, isaan sun naasuu guddaatti in kufu,**
**Waaqayyo dhaloota qajeelaa**
**Wajjin jira'o; 6isin akeeka nama gadadamaa**
**Isa harkaa in gattu; inni garuu Waaqayyotti kooluu galeera*.**

**14:4-6** buusaan kun kan inni argisiisu bu'aa "beekuu dhabuu" ti (BDB 393, KB 390, *Qal* PERFECT, mata-duree addaa ilaali Far.1:6 irratti). Inni hamaan hiyyeessaan, rakkaataa fi sagalee humna warra hin qabne irratti kan inni godhu, Waaqayyoodhaan firdii argata, eegduu isaaniin (Kes. 10:17-19, 14:29, 24:17, 19-22, 26:12, 13, 27:19)!

Inni "Amanannaa" isaaniiti (BDB 340, Far.2:12, 5:11, 34:22). Isaaniin miidhuun isa miidhuu dha. Inni isaan irraa dhorka.s

**14:4**
**NASB**

| | |
|---|---|
| **NKJV, LXX** | **"Waaqayyoon hin waaman"** |
| **TEV** | **"anaafiis raawwatani hin kadhatan"** |
| **NJB, NRSV** | **"YHWH raawwatanii hin waaman"** |
| **JPSOE** | **"Waaqayyoon hin kadhatan"** |

Gochamichi (BDB 894, KB 1128, PERFECT) gosa baratamee dha, karaawwan baay'eedhaan faayidaa irra kan oolu (jechuun, dirree hiikaa bal'aa). Faarfannaa irratti akkaataa fayyadamaa baay'ee qabu.

1. Lubootaaf waaqeffanaadhaa fi kadhataan – Far.99:6
2. Saba kakuu isaaf – Far.4:2, 20:10, 50:15, 86:5, 107:6, 13, 116:2, 14:1
3. Ormoonni YHWH hin waaman (jechuun, seera waaqeffannaa fi kadhata) karaa Yesusiin gara YHWH tti seenuu, dhi'aachuu karaa ibsuu ta'eera (HoE. 2:21, 22:16, Rom. 10:9-13).

Nuyi namoota waamamneedha, maqaa Gooftaa kan waamnu, isa booda tajaajilaaf kan waamamne! Kadhata maleessa ta'uun mallattoo amantii dogogoraati, kanaaf waaqa gocha maleessaa!

**14:5 "Achitti sodaachisuu isaa guddaan baay'ee sodaatan,"** kun akkuma jirutti "sodaa sodaatan" dha (PERFECTe fi hundee maqaa wal fakkaataa – BDB 808,KB 922).

"Achitti" hanga hin ibsamneetti, warri tokko tokkoo kan isaan ka'aan gaalee dhumaa irratti, kanaaf "bakka sodaan hin jireetti" kan jedhu of keessatti qabachiisu (AB, NASB).

## MACAAFA FAARFANNAA: 14:7

**7 Xiyoon keessaa Israa'eeliif fureen Utuma ba'ee!**

**Yeroo Waaqayyo saba isaatiif Adda kennuuf,**

**Yaaqoob in burraaqa, Israa'eelis In gammada***

**14:7 "Hoo fayyisaa Israa'eel"** kun maqaa waamichaa YHWH ti, Xiyoon kan jiraatu (jechuun, gaara Mooriyaa, mana qulqullummaa). "Kan YHWH " hololoo wal cinaa (sarara) 2 irratti ilaali.

Lakkoofsi kun immoo Far.53:6 irratti argama, jechuun inni fakkeenyummaa ta'uu danda'a. LXX sarara jalqabaa kana gaaffii godha (53:6).

▣**"Ni kenna"** gochamni wal fakkaataan kun (BDB 996, KB 1427) dabalataan ta'uu kan danda'u "gaabbuu" yookaan gara booddeetti deebi'uu" dha. Ta'us , akkaata haala barreefama kanaatti Israa'eel qalbi jijjirannaaf hin waamamne.

Taphni jechaa jira, "deebi'uudhaan" (BDB 996) fi "caroomoon" gidduu (BDB 986) TEV kitaaba qulqulluu "naanna'uun naanna'eera (gara) saba isaatti) kan jedhu qaba.

▣ **"Yaaqoob…Israa'eel"** Yaaqoob abbaan ijoollee kudha lama qabu turan, isaanis gosoota kudha lama kan ta'an. Maqaan Yaaqoob gara Israa'eelitti jijjirameera, Uma. 32:22-32 irratti.

## Maata duree addaa: Israa'el (maqaa isaa)

I. Hiika maqaa isaatii murteessuun ni rakkisa (BDB 975).

A. *El* isa bara baraa
B. *El* isa bara baraa (akkaataa dhiibbaa uumuu)

C. *El* isa eegu
D. *El* wal'aansoo ni qaba
E. *El* ni uuma
F. Innis Waaqayyoon wal'aansoo qabeera (See. Uuma. 32:28)

II. Akkaataa Kakuu Moofaa keessatti itti fayyadamame

A. Maqaan Yaaqoob (butaa, koome-qabaa, BDB 784, See. Uuma. 25:26) laga Yabooq birratti erga Waaqayyoon wal'aansoo qabe booda jijjiirame (See. Uuma. 32:22-32; See. Ba'uu 32:13). Maqaan Warra Ibrootaan moggaafamu hiikni isaa yeroo maraa hundee jechaan osoo hin taane (32:28), sagalee hordofee ti. Maqaan isaas Israa'el ta'eera (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 35:10).
B. Innis gosoota kudha-lamaaniif maqaa walii gala ta'ee jira (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 32:32; 49:16; See. Ba'uu 1:7; 4:22; 28:11; See. Kees. Deeb. 3:18; 10:6).
C. Innis saba gosoota kudha-lamaan irraa argamu argisiisa, Ba'uu fuula duraa (See. Uuma. 47:27; See. Ba'uu 4:22; 5:2) fi booda (See. Kees. Deeb. 1:1; 18:6; 33:10).
D. Bulchiinsa Saa'ol, Daawwitii, fi Solomoon booda gosootni kun gargar hiramaniiru, bara bulchinsa Rehobiyaam (1Moot. 12).
   1. Adda-addummaan kan eegale, mul'inatti gargar hiramuun dura (Fakkeenyaaf, 2Saamu. 3:10; 5:5; 20:1; 24:9; I Moot. 1:35; 4:20)
   2. Gosootni warri kaabaa kan isaan beekaman, hanga Samaariyaan Sooriyaa harkatti kuftutti, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 722 (2Moot. 17).
E. Yihudaa keessatti bakkeen muraasatti fayidaa kenne (Fakkeenyaaf, Isaay. 1; Miilk 1:15-16).
F. Ari'atama Sooriyaa fi Baabiloon booddee, ammas sanyii Yaaqoobiif maqaa walii gala ta'eera (Fakkeenyaaf, Isaay. 17:7, 9; Erm. 2:4; 50:17, 19).
G. h. Garaagarummaa Lubootaa fi amantoota gidduu jiru addaan baasuudhaaf (1See. Baraa 9:2; Izr. 10:25; Nahi. 11:3).

▣ **"Itti tola… gammachuun itti dhaga'ama"** asitti gochamoonni lamaan bu'aa deebi'uu duuka bu'uu dhiisuu isaati. Gochamoonni Ibirootaan, haala yerichaa kan fudhatan akkaata haala barreefamichaa irraati. Haalli barreefamaa kunis kan gara fuulduraati.

1. In gammachiisa – BDB 162, KB 189, *Qal* JUSSIVE
2. Gammachuu qabaata – BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT, bifa xiyyaafanootiin faayida irra kan oole

**GAAFFILEE MAREE**

1. Dhibaa'aan maal jechuu dha, akkaata bu'uura ibsa isaati, "Waaqayyo hin jiruu?"
2. Kakuu Moofaan namoonni hunduu cubbamoota akka ta'an barsiisaa?
3. "Waaqayyoon waamuun" maal jechuu dha?
4. Lakkoofsi 7 ari'atamuu argisiisaa?

# FAARFANNAA 15

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ibsa nama lammi biyyaa Tsiyoon | Amala namoota Waaqayyoo wajjin jiraatanii | Gara mana qulqullummaatti galuudhaaf seera waaqeffannaa | Waaqayyo maal gaafata | Keessummaa YHWH |
| Seensa MT kan qabu "Faarsaa Daawiit" | 15:1 | 15:1 | 15:1 | 15:1 |
| 15:1-5 | 15:2-5b | 15:2-5b | 15:2-5b | 15:2-3a |
| | 15:5c | 15:5c | | 15:3b-4b |
| | | | 15:5c | 15:4c-5 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### MACAAFA FAARFANNAA: 15:1-5

1 **Yaa Waaqayyo, godoo kee**
**Keessa eenyutu buufata Ree?**
**Tulluu kee isa qulqullaa'aa**
**Irras eenyutu jiraataa ree*?**
2 **Nama baleessaa malee jiraatu,**
**Nama wanta qajeelaa hojjetu,**
**Nama garaa isaatiin dhugaa Dubbatu,**
3 **Nama arraba qaratee asii fi achi Hin labne,**

**Nama nama irratti hamaa hin hojjenne,**

**Nama ollaa isaa hin ceephaanne,**

[4] **amni Waaqayyoon gate gatamee**

**Ija isaatti tuffatamaa ta'ee kan Ilaalamu;**

**Warra Waaqayyoon sodaataniif**

**Immoo ulfina kan kennu,**

**Wanti inni wareege kan isa**

**Miidhu yoo ta'e iyyuu,**

**Wareega isaa utuu hin geddarin**

**Kan raawwatu;**

[5] **Horii isaa hiiqiitti kan hin Kennine,**

**Nama yakka hin qabne irratti**

**Gabbarsuu kan hin fudhanne;**

**Kana hundumaatti namni of**

**Eeggachaa hojjetu,**

**Yoom iyyuu hin socho'u*.**

**15:1 "Gooftaa"** kun maqaa kakuuti, hafuuraaf, Ibiroota irraa (kan ture) gochama. Mata-duree addaa ilaali: maqaawwan hafuuraa, Faru.1:1 irratti.

▣ **"Eenyu"** lakkoofsi 1 gaaffii dha, mallattoo barreefamaa ta'u kan danda'u, guyyaa ayyaanaatti gara mana qulqullummaatti kan seenaan seera Waaqeffannaa kan ta'e.

▣ **"Godoo kee keessa…tulluu kee isa qulqulluu irra"** isaan kun wal cinaa dha, dabalataanis gochamoota ("buluu" fi "jiraachuu") kan jedhan. Mana qulqullummaa YHWH dhaabbiidhaan yaad-rimee ta'uu (23:6b) Waaqayyo wajjin tokkummaa bara baraa gochuu dha, innis

1. Jireenya kana irraa kan hafee kan gahu
2. Tokkummaa dhi'oo kan of keessatti qabatu
3. Kallattii guyyaa guyyaa kan qabu

Faarfannaa 27:4-6 yaada wal fakkaataa kana ni mul'isa, karaa gurraa hin guddiifneen (jechuunis, "Guyyota jireenya koo hundumaati;" Far.23:6a).

Dabalataanis Far.5:4b irratti "inni hamaan YHWH wajjin hin bulu/hin jiraatu," kan jedhu ilaali, ta'us garuu duuka buutu amanamaan Waaqayyo wajjin jiraachuu barbaada (Far.61:14, 84:10).

**15:2-5** Isaan lakkoofsonni kun kan isaan ibsan (bifa sirrii fi alta'aan bifa wal madaaleen) Waaqayyo wajjin kan jiraatu gosa nama dhuunfaati (Far.24:3-6).

1. Qajeelummaan kan deemu ("Mudaa malee," BDB 1071, Far.18:23, 31, 119:80, Fak. 28:18)
2. Tola kan godhu
3. Dhugaa kan dubbatu (mata-duree addaa ilaali, Faru, 12:1 irratti) laphee isaan
4. Kan hin gowwomsine
5. Hiriyaa isaa irratti hamaa kan hin goone
6. Firoota isaas kan hin arrabsine
7. Cubbamaan fuula isaatti kan tuffatame
8. Waaqayyoon warra sodaatan kan kabaju (jechuun, hiriyoota kakuu isaa)
9. Dhugaadhaan kan kakatu (jechuun, kakuu, Lewoota 27)

10. Kan hin ganne (faayidaa mataa isaaf wareega isaa kan hin balleesine)
11. Hiiqiidhaan kan hin liqqeesine (Bau. 22:25, Lew. 25:36)
12. Nama yakka hin qabne irratti gabarsuu kan hin fudhanne (Bau. 23:8, Kes. 16:19)

Amaallonni kun hundumtuu kan isaan ibsan namni gaariin akkamitti akka jiraatu fi warra kan biroo wajjin akkamitti akka deddeebi'u akka ta'e hubadhu. Waaqayyoon beekuu jechuun warra Waaqa hin beekne gorsuu kabajuu jechuu dha. Duuka buutota amanamoo jechuun akka jiraatanii fi akka jaallatani dha, biyyi lafaa uumaa isaa Waaqayyoon akka beekuu fi akka itti dhi'aatu.

**15:4b "Waaqayyoon kan sodaatan"** kun labsii irra deddeebi'amee dha, duuka buutota amanammoof (Far.25:12, 14; 103:11, 13; 118:4). Isaan karaawwan baay'eedhaan mul'ataniiru.

1. Isaan kan isaan godhan
   a. Galata, ulfina, fi fuula YHWH dura sodaadhaan dhaabachuu dha, Far.22:23
   b. Karaa isaa irra adeemteeta, Far.128:1
2. Inni isaaniif waan inni godhe
   a. Kakuu isaa mul'iseef, Far.25:14
   b. Fayyina dhihootti isaaniif fide, Far.85:9
   c. Gargaaraa fi gaachana isaaniiti, Far.115:11
   d. Isaan eebbiseera, Far.115:13; 128:1
   e. Fedha isaanii guuteera, Far.145:19 (dabalataanis "iyya isaanii ni dhaga'a, isaan fayyisas")

**15:5C** kun labsii xumuraati. Waaqayyoo wajjiin kakuudhaan kan jiraatanii fi obboloota/obboleetoota isaanii raawwatanii hin raafaman (BDB 556, KB 555, *Niphal* IMPERFECT, Far.17:5; 30:6; Fak. 10:30; 12:3).TEV isan kan inni hiiku "Guyyaa hundaa fayyuummaan isaa ni eegama" kan jedhuun. Isaayaas 33:15 wal cina fakkaata gara YHWH tti dhi'aachuu kan danda'anii fi isaa wajjin kan jiraatan. Akkas yoo ta'e, egaa Isa. 33:16 Far.15:5C wajjin wal cina dha.

Kaayyoon fayyisuu nama dhuunfaa qofa irratti kan xiyyaafate miti, tokkuummaan immoo malee! Waaqayyoof jaalala qabnu wali walii keenya jaallachuuf burquu qaba! Tola haqa irraa addaan baasuu raawwannee hin qabnu! Seera Uumamaa 3 kufaatiin namoota hundaa irratti dhiibbaa geesiseera (Far.14:1-3). Fakkeenya Waaqayyo (Uma. 1:26-27 namootaan miidhameera. Mucaan namaa gara keessatti naanna'eera. Dhuunfummaa fi bilisummaan amma kan isaa/ishee amala yaadaa fi gochaa qabateera. Inni haaraan Waaqayyoo wajjin dhiibbaa maleen xiyyaafannoo isaa kana jijjireera (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:25-27). Namni haaraan miira irra deebiin bilisa ta'uu qaba. Inni/isheen Waaqayyoodhaaf/kan biroof ni jiraatu.

▣**"Raawwatee"** mata-duree addaa ilaali: bara baraan Far.9:5 irratti.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Nama mana qulqullummaatti YHWH tti dhi'aatu ibsi.
2. "Amantii Tooftaan jireenyaa" fayyinni amantii wajjin akkamitti walitti dhufa?
3. Amala sirrii fi alta'aa duuka buutuu amanamaa shani tarreessi.
4. "Nama horii isaa hiiqiitti kennu" ibsi.
5. Faarfannaan kun tokkummaan isaa namni qajeelaan raawwate akka hin rakkanneedhaa?

# FAARFANNAA 16

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gooftaa hiree faarffattichaa fi Fayyisaa du'aa keessaa<br>Seensa MT Faarsaa Daawiit | Abdii amanamaa fi moo'icha Masihichaa | Gochaa Amantii nama dhuunfaa humna Waaqayyootiin fayyisudhaaf (Faarsaa amantii) | Kadhata amantii | YHWH dhaala koo |
| | 16:1 | | | 16:1 |
| 16:1-4 | 16:2-3 | 16:1-2 | 16:1-3 | 16:2-3a |
| | | | | 16:3b-6 |
| | 16:4 | | | |
| | 16:5-6 | 16:3-4 | | |
| 16:5-6 | 16:7-8 | | 16:4 | 16:7-8 |
| 16:7-11 | 16:9-11 | 16:5-6 | 16:5-6 | 16:9-11 |
| | | 16:7-8 | 16:7-8 | |
| | | 16:9-10 | 16:9-10 | |
| | | 16:11 | 16:11 | |

DUBBISA MARSAA SADA (fuula . irraa ilaali)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

## MACAAFA FAARFANNAA:16:1-4

[1] **Yaa Waaqayyo ani kooluu sitti galeera, ati na eegii!**

[2] **Ani Waaqayyoon, "Ati gooftaa Koo ti,**

**Ati anaaf wanta gaarii**

**Hundumaa dha" nan jedha*.**

**3 Warri isaaf qulqullaa'anii**

**Biyyicha keessa jiran ulfina qaboota,**

**Isaan anaaf guutummaa**

**Gammachuu kootii ti.**

**4 Warri Waaqayyoon dhiisanii kan**

**Biraa fudhatan,**

**Miidhama of irratti in baay'isu,**

**Dhibaayyuu dhiigaa isaaniif**

**Dhi'aatu ani hin Hin dhibaafadhu,**

**Afaan kootinis maqaa isaanii hin dha'u*.**

**16:1 "Yaa Waaqayyo na eegii"** kun qofaa isaa IMPERATIVEdha (BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE) Faarfannaa 16 irratti. Innis ariifachiisaa deebii kadhataati. Faarfannaa 16:10-11tti faarfattichi du'I akka mudate illee yoo ta'es Waaqayyo irraa akka hin fagaanne ni beeka (Rom. 8:31-38). Faarfannaa kana irratti haafuurri kan inni waamamu

1. *El*, lak. 1 (maqaa waamichaa wali galaa Waaqayyoo faayidaan (baha dhi'oo durii))
2. YHWH , lak. 2, 5, 7, 8
3. *Adoon*, lak. 2

Mata-duree addaa: maqaawwan hafuuraa Far. 1:1 irratti.

▣ **"Ani sitti amaneerahoo"** kun ergaa faarfannoota baay'eeti! "Amanamu" dhaaf Far.5:11 irra kan jiru yaadannoo ilaali.

Namootni Waaqayyo bifa ofi isaatti fi fakkeenyummaa isaatti kan uumamanii dha (Uma. 1:26-27). Kan uumamneef tokkummaadhaaf ture (Uma. 3:8). Nagaa, boqonnaa, gammachuu, kaayyoo, fayyina argachuuf kan nu dandeenyu isaan qofa dha!

**16:2** Faarfatichi kun labsii amantiiti. Lakk. 2 duraan dursee kadhannaa ture yookaan labsii kan salphisu fakkaata.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"sin ala garuummaa hin qabu"** |
| **NKJV** | **"Gaarummaan koo siin ala hin jiru"** |
| **NRSV** | **"Sin ala gaarummaan hin qabu"** |
| **TEV** | **"waan gaariin qabu hundumtuu sirraa naaf dhufan"** |
| **REB** | **"waan gaaarinn an qabu hunduu si qofa irraati kan naaf dhufan** |
| **Kitaba qulqulluu TEV** | **"burqaan gaarummaa kooti si qofa"** |
| **JPSOE miila jalaa** | **"garummaan koo siin ala hin jiru"** |

Inni tokko qoramuu danda'a, kan Kakuu Moofaa kana doktiriini tolaa gaalee ta'ee yeroon dubbisu, ta'us garuu Kakuu Moofaati wal cinni fooyya'aan Far.73:25-28 dha. YHWH n qofummaa faarfatichaa "gaarummaa" dha. Waaqni tolfamoon Ormoota soba (Lak. 3-4). Abbaan ayyaanaa, haraara qabeessi,Waaqni kakuu isatti kan amananii fi akka ulaagaa kakuu isaatti kan jiraatan isaan kabaja (jechuun, Kakuu Moofaati – kakuu Musee, Kakuu Haaraatti – Wangeela, Erm. 31:31-34, Hiz. 36:25-27). Bu'aan isaa tokkummaa Waaqayyoo wajjiini jireenyaa fi jireenya boodaati.

**16:3-4** lakkoofsa kana akkamitti hubachuun akka danda'amu gaaffiiwwan baay'een jiru. Qayyabannaa kitaaba qulqulluu warra Yihudootaa waa'ee isaani kan inni jedhu (fuula 1297) "isaan baay'ee ifaa kan hin taane lakkoofsoota faarfannaa gidduu dha."

1. "Qulqulloota" isaan kamii dha (BDB 872)– Ayyoota muraasa (NASB,NJB) jechoota gara dhumaa fudhatu, kan Far.16:2 fi alta'aa gara lakk. 3 fidu, innis "Qulqulloota" "hafuuroota Qulqulloota lafaa" akka argisiisan (jechuun, Far.16:4 waaqa tolfamoo). Yaadannoo asii gadi jiruu ilaali.
2. "Abbooti simoo" isaan kamii dha (BDB 12) – sababa wal cinaatiin isaan waan sirri tokko illee (jechuun, gaarummaa, TEV) tokko alta'oo dha (waaqa tolfamoo warra Kana'aan, NJB).

Isaan maqaa waamichaa lamman saboota kakuu isaa akka heeran fudhachuun ni danda'ama, lak. 3 irratti, waaqa tolfamaa warra waaqeessan, lak. 4 irratti. Hiiktooni baay'een lak. 3 fi 4 gara buusaa adda addaatti adda isaan baasu. Gaaffichi, "lak. 3-4 dhiibbaa inni uumuu dha yookaas kan ibsa dheeraa dha?"

**16:3 "Qulqulloota"** jechi Ibirootaa kun *Qaadoshii* dha (BDB 872), faayida irra kan ooles

1. Duuka buutota amanammoo YHWH – Bau. 33:3, Far.34:9, Dan. 8:24
2. Lehiwwaan hafuuraa (jechuun, ergamaa) – Iyoob 5:1; 15:15; Far.89:5, 7; Dan. 8:13 (yeroo lama); Zak. 14:5

## MATA DUREE ADDAA: QULQULLOOTA (Qulqulluu) קדוש

I. Kakuu Moofaa
   A. Hiikaan jecha *kadosh* (BDB 872) jedhu beekamaa miti, tarii Kana'aan ta'uu danda'a. Gar tokkeen hundee jecha kanaa (jechunis *kd*) "hiruu" jechuudha. Kunis dubbii beekamaa Waaqayyoof "adda ba'aa"jedhuuf (aadaa Kana'aanotaa irraa, cf. keessa deebii 7:6; 14:2, 21; 26:29) madda kan ta'u dha.
   B. Wantoota keessa, iddoowwaan garaa garaa, yeroo tokko keessaa fi nama keessa jiraachuu Waaqayyootiin wal qabata. Umama keessatti hin caqafamne, garuu Seera Ba'uu, Leewwotaa fi Lakkoofsa keessatti baay'inaan mul'ata.
   C. Macaafota raajii keessatti (keessumaa Isaayyaasii fi Hosee) qabiyyeen nama agarsiisu inni duraan dursee ture garuu immoo xiyyeeffannaan hin kennamneef. Kun sirriitti hubatama, kunis karaa ittiin amala Waaqayyoo agarsiisan ta'e (cf. Isa. 6:3). Waaqayyo qulqulluudha. Maqaan isaa amala isaa bakka bu'us qulqulluudha. Namoonni isaa warri amala isaa biyya lafaatti mul'isanis qulqulluudha. (kakuu Amantiidhaan galan yoo eegan).
   D. Araarri fi jaalalli Waaqayyoo akka barumsa macaafa qulqulluutti yaadota waa'ee kakuu , firdii qajeelaa, fi amala gaarii ibsan irraa adda ba'ee ilaalamuu hin danda'u. Kana irraa ka'uudhaan yaada Waaqayyo warra qulqulluu hin ta'in, cubbamoo fi hamoo ta'aniif qabu beekuun rakkisaadha. Hariiroo "araaraan guutuu" ta'uu Waaqayyoo fi "qulqulluu" ta'uu isaa gidduu jiru irratti kitaaba Robert B. Girdlestone, *Synonyms of the old Testament*, jedhamu fuula 112-113 keessa ibsa gaariitu jira.

II. Kakuu Haaraa
   A. Barreessitoonni Kakuu Haaraa (Luqaas irraan kan hafe) akka Ibrootaatti warra yaadanidha, garuu macaafa qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii isa durii irratti ni hundaa'u. Kun Kakuu Moofaa iikaa Afaan Giriikiiti, barreeffama Giriikotaa, yaada ykn amantii Afaanni isaanii irratti hundaa'u durii miti.
   B. Yesuus Waaqayyo waan ta'ee fi Waaqayyoon waan fakkaatuuf qulqulluudha (cf. Luq. 1:35; 4:34; HE. 3:14; 9:27, 30). Inni isa qulqulluu fi qajeelaadha (cf. HE. 3:14; 22:14). Yesuus cubbuu wan hin qabneef qulqulluudha (cf. Yoh. 8:46; II Qor. 5:21; Ibr. 4:15; 7:26; I Phex. 1:19; 2:22; I Yoh. 3:5).
   C. Waaqayyo qulqulluu waan ta'eef ijoolleen isaas qulqulluu ta'uu qabu (cf. Lew. 11:44-45; 19:2;20:1, 26; Mat. 5:48; I Phex. 1:16). Yesuus qulqulluu waan ta'eef duuka-buutonni isaas qulqulluu ta'uu qabu. (cf. Rom. 8:28-29; II Qor. 3:18; Gal. 4:19; Efe. 1:4; I Tas. 3:13; 4:3 I Phex. 1:15). Kiristiyaannonni Kiristoosiin fakkaatanii tajaajiluudhaaf fayyifaman (qulqullummaan)

**16:4**
**NASB,NKJV**
**NRSV "gadda"**
**TEV "rakkina"**
**NJB "waaqa tolfamoo heedduu"**
**LXX "dadhabbii"**
**REB "rakkina heedduu"**

"Rakkina" jechi jedhu (עצבות, BDB 781) "waaqa tofamoo" wajjin baay'ee wal fakkaataa dha ( , BDB 781, NASB). Akkaataan barreefamichaa waa'ee waaqefannaa waaqa tolfamaa ta'uun isaa ifaa dha. Eenyuu sirriitti akka ibsamee amansiisa hin qabu lak. 3 irratti.

"Kan biraan" jecha jedhu ilaaluun ni danda'ama (אחר , BDB 29 1, lak. 4) akka "waaqa tolfamoo kan biroo" אחרים , Isa. 42:8, Kitaaba qulqulluu TEV fuula 866, lak. 29).

Tarreefama ibsaa Niidot jildii 2, lak. 860-862 yookaan UBS kitaaba yaadannoo fuula 141-142 ilaali.

▣ Faarfatichii YHWH tti kan amannee hin ta'uu kan jedhe

1. Dhiiga kennaa qulqulluu dhangalaasuu dhiisuu (aarsaa bineeldootaa yookaan fakkiiduu wayiini)
2. Maqaa isaanii hidhii isaan waamuu dhiisuu (Bau. 20:3-5)

**MACAAFA FAARFANNAA: 16:5-6**

5 **Yaa Waaqayyo, ati qooda ko isa**
**Anaaf kennamee dha,**
**Ati xoofoo anaaf hiixatamee dha,**
**Ga'aan koos si harkaa in dhufa*.**
6 **Funyoon safaraa iddoo**
**Iddoo gammachiisaa irra anaaf bu'e,**
**Eeyye ani dhaala guddaa namatti tolu qaba;**

**16:5-6** lakkofsa 4 irratti hanga kennaa qulqulluu dhugaati "xoofoo" jechama ciigootiin; innis yeroo hundaa hiika bifa sirrii dha, asitti garuu miti.

"Carraa" kan inni eeru biyya Kana'aanii qabiyyee gosootaaf carraadhaan qoqooduu dha. Karaa Iyyaasuutiin (Iyaasuu 13:19), innis YHWH n abdii inni Abirahamiif gale raawwii raajii kan ittiin argate (Uma. 12:1-3). Leewwootaa fi Luboota magaalootа 48 qofa dha kan isaan dhaalan (Iyyaasuu 20-24). Isaanif kan jedhamee Gooftaan dhaala isaanii akka ta'e dha (Lak. 18:20, Kes. 18:1). Ta'us, Faarfannaa irratti qoodamni kun gara duuka buutota amanammootti babal'ateera (Far.73:26, 119:57, 142:5, dabalataanis Faru.Erm. 3:24).

Lakkoofsa 6 murna kana itti fufa "funyoon narra buute" kan jedhuun. Faarfattichi kan inni mirkaneessu dhaalli isaa kan bareede akka ta'e (jechuun, Erm. 3:19).

## MACAAFA FAARFANNAA:16:7-11

7 **Waaqayyoon isa gorsa anaaf**
**Kenne nan jajadha halkanis immoo yaadni garaa**
**Koo isa kana na yaadachiisa;**
8 **Waaqayyo yeroo hundumaa fuula koo dura anaaf jira,**
**Inni mirga koo waan jiruufis ani hin shishu;**
9 **Kanaafis garaan koo in gammada, lubbuun koo inni**

> **Ulfina-qabeessi in ilil'cha,**
>
> **Namummaan koos immoo soda malee in jiraata.**
>
> **10 Ati iddoo lafa jalaatti ana hin laattu,**
>
> **Isa siif of kennes ijaan iyyuu qilee akka argu, hin gootu*.**
>
> **11 Ati karaa jireenyatti nama geessu na barsiifta,**
>
> **Guutummaan gammachuu fuula**
>
> **Kee dura, wanti namatti tolus immoo**
>
> **Bara hundumaattuu mirga kee jira.**

**16:7-11** Faarfattichi amantii isaa kan gatu YHWH dhaan

1. Gorsa, lak. 7A (Far.32:8)
2. Hifannaa, lak. 7B
3. Jabaate argamuu, lak. 8, 11
4. Mo'icha, lak. 8B

Bu'aan isaas fayyummaa YHWH irratti qabuun gammaduu isaati (lak. 9, du'a illee yoo ta'e (Lak. 10-11).

1. Inni faarfaticha *si'oolitti* hin dhiisu, lak. 10 (Iyoob. 14:14-15, 19:25-27)
2. Innis karaa jireenyaa ni beeksisa (Far.139:24, jechuun, guyyaa guyyaatti kan ta'ee jireenya amanamummaa, kan gaalee wal fakkaataa Far.101:2, 6 ilaali)
3. Innis dhuunfaa isaatti *si'oolitti* illee isaa wajjin ta'a (Far.139:7-8)
4. Innis faarfaticha waan isa barbaachisu hundumaa irraa hafaa kennaaf

Yeroo rakkinaatti illee duuka buutota amanamoo YHWH n isaa/ishee wajjin ta'uu isaa beekuu danda'u, kanaaf raawwatee isa/ishee hin dhiisu! Amantii amanamummaa YHWH irratti qabnu abdii keenya, gammachuu keenya, nagaa keenya, boqonnaa keenya, fi mo'icha keenya dha!

**16:8B "Mirga kooti"** harka mirgaa YHWH (mata-duree addaa ilaali: Waaqni akka namaatti ibsamuu [namumeessaa] Far.2:4-6). Harka mirgaa fakkeenya humnaa fi jabinaati. Masihiin mirga Waaqayyoo akka taa'e ibsameera, kanas kan hunmaa, olaantummaa, fi aangoo kan ibsu.

Faarfannaa kana irratti marsaa wantoota baay'ee kan Masihii 'godha, ergamootaaf, Pheexiroosi fi Phaawulos

1. Harkii mirgaa murna, lak. 8, 11
2. Jireenya le'ii foonii irraa kan hafe
3. Waamamni isaa "qulqulluu"

Lakkoofsa 10 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

**16:9**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"ulfina koo"** |
| **NRSV,NJB** | **"lubbuu koo"** |
| **LXX** | **"arraba koo"** |
| **JPSOE** | **"guutummaa eenyummaa koo"** |
| **REB** | **"hafuura koo"** |

"Ulfina" kan jedhu jechi Ibirootaa (כבוד , BDB 458 II) dogogora barreessaa ta'uu danda'a, "Liveer" dhaaf (כבדכ ,BDB 458, Uma. 49:6, Far.30:12), innis akka garaa isaa, guutummaa namaa hunda ni ibsa (Nidoot, Jildii 2, fuula 587-588, TEVkitaaba qulqulluu, fuula 866, lak. 11) . "Laphee," "Liveer/ulfina," fi "foon" hunduu wal cina ta'uu isaanii fi ofii isaa faarfatichi akka mul'isan hubadhu.

**16:10**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"qulqullummaa kee"** |
| **NRSV,JPSOE** | **"amanamummaa kee"** |

**NJB REB** **"tajaajilaa amanamaa kee"**
**LXX** **"tajaajilaa kee"**
**Kitaaba qulqulluu TEV** **"duuka buutu amanamaa kee"**

Ibirichi "gaarummaa kee" kan jedhu qaba (חסיד , BDB 339). Jechi kun yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oole, isaan saboota kakuu isaa ibsuudhaaf, YHWH kan jaalatan, kan tajaajilan, fi kan abboomamaniif (Far.4:3, 12:2, 32:6, 86:2, Mik. 7:2). Fayyadama YHWH irra kan oolu kan inni hiikamu "gaarii" (Far.18:25, 145:17) yookaan "arjaa" kan jedhuun (Erm. 3:12).

Lakkofsi kun sababa lammanuu isaa eereef, Pheexiroosiin (HoE. 2:27, 31) Phaawuloos (HoE. 13:35) du'aa ka'uu Ysuusiin eeruuf, Faarfannaa kana irratti jechi isaa kan hiikame "qulqulluu" kan jedhuun (NASB, NKJV). Ana na hin amansiifne, lakkoofsa kana Faarfannaa 16 akkamitti ilaaluun akka danda'amu. Akkaataa haala barreefamichaatiin inni ifatti kan inni eeru gaaruummaa, Israa'eeloota amanamoo dha (kan lak. 10 wal cinummaa hubadhu). Egaa inni Ergamaan gargaaramuu argate kan ture akka

1. Kan raajii
2. Ramaddii beekamaa
3. Raawwii baay'een

Eragamoonni gara boodeetti gara Kakuu Moofaatti ilaalanii, mallattoowwan baay'ee fi himtee (gaadidduu", jedhes raajjummaa addaa ilaalaniiru, waa'ee jireenya Yesus Kristoos, hojii, du'a, du'aa ka'uu, fi lammata deebi'ee dhufuu! Anii yaada hafuuraan liqimfamuu isaanii nan amana.

▣

**NASB,** **"boolla gadi fagoo"**
**NKJV,LXX** **"tortoruu"**
**NRSV,JPSOE** **"boolla gadi fagoo"**
**NJB** **"boolla gadi fagoo"**

MT "Boolla gadi fagoo" qaba (BDB 1001) innis *Si'ool* wajjin wal cinaa dha (Iyoob 33:18, Isa. 38:17-18). Si'ooliif mata duree addaa ilaali: warri du'aan eessa jiru? Far.1:6 irratti, akkasumas Far.6:5, 9:5, 9:13 irratti yaadannoo jiru ilaali. Du'a lammanuu karaa waabii ti.

LXX lammanuun eerameera, Pheexiroosi fi Phaawuloosiin Hojii Ergamootaa irratti, du'aa ka'uu Yesuusin mirkanneesuuf. Bakkawwaan baay'eetti Kakuu Moofaa irratti argamu, du'aa ka'uu kan mirkaneessan, yoo xiqqaatee ka'umsa kan kennan (Iyoob 14:14-15, 19:25-27), Far.17:15, 49:15, 56:13, 73:24, 25, 86:13, Isa. 26:19, Dan. 12:2). Hizqeel 37 deebi'uu sabootaa fakkaata, kan nama dhuunfaa du'aa ka'uu osoo hin taane.

Waaqayyoof ha galatu, waa'ee argamuu guutuummaa Kakuu Haaraaf.

1. Yesuus hawaalaa duwwaa fi du'a ka'uu dura argamuu isaa
2. Ibsa Phaawuloos du'aa ka'uu irratti, 1Qor. 15 irratti

Du'aa asi kan jiru mul'achuu itti fufiinsa qabuu dha!

Jireenya Yesuus, barumsa, du'a, fi du'aa ka'uu — Ergamootaa jijjire. Ilaalchii isaanii Kakuu Moofaa ni fooyya'e. Isaan Kakuu Moofaa barbaaduu jalqaban, raajootaaf, ramaddiiwwan wali galaa, fi ka'umsa dhugaa haaraa kanaaf. Yesus mataa isaati kana kan jalqabe, waa'ee mataa isaaf ibsa hiikawwani, Kakuu Moofaa irraa, karaa Emaa'oos lammanuu duuka-buutoonni, isaanis gareen wajjin turan, kutaa dachaadhaan (Luqaas 24:25-27)

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "Qulqulloota" jecha jedhu ibsi.
2. "Qulqulloota" akka "abbaa surraa" wajjin tokkoo?
3. Lakkoofsa 4 akkamitti waaqefannaa waaqa tolfamaa wajjin wal qabata?
4. "kutaa" kan jedhu jecha fayyadama Kakuu Moofaatiin ibsi. Yesus "carraa" wajjin wal cinaa?
5. Qaama namaa keessaa isa kamiidha argama yaada fi fedhii ti jedhamee kan amanamu?
6. Kun Faarfannaa Masihiiti, Lakk. 10 Hojii Ergamootaa irratti sababa eeramuu isaan?
7. Amantaan kitaaba qulqulluu maaliif akka "karaatti" ibsama?

# FAARFANNAA 17

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Isa cunqursaa irraa eegamuuf kadhata<br>Seensa MT<br>kadhata Daawiit | Kadhata amantii fayyina dhumaaf | Diina dhuunfaa irraa ooluudhaaf kadhata (boo'icha) | Kadhata nama qulqulluu | Kadhata qulqulluu |
| 17:1-5 | 17:1-2<br>17:3-5 | 17:1-2<br>17:3-5 | 17:1-2<br>17:3-5 | 17:1-2<br>17:3-4υ<br>17:4ሰ-7 |
| 17:6-12 | 17:6-9 | 17:6-7<br>17:8-12<br>17:13-14<br>17:15 | 17:6-7<br>17:8-9a<br>17:9b-12<br>17:13-14<br>17:15 | 17:8-12<br>17:13-14b<br>17:14c-15 |
| 17:13-15 | 17:10-12<br>17:13-14<br>17:15 | | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA:17:1-5

**1 Yaa Waaqayyo, dubbi**
**Qajeelaa kana dhaga'i,**

**Iyya koo anaaf dhaggeeffadhu,**
**Gurra kee gara kadhata kootti**
**Gara isa sobaan hin**
**Dubbataminitti qabi!**
**2Iji kee wanta qajeelaa in arga,**
**Kanaaf mirgi argachuun anaaf ta'u**
**Si biraa anaaf ha a dhufu*!**
**3Garaa koo keessa qortee**
**Halkanis dhuftee yoo na ilaalte,**
**Keessa koos gara galchitee yoo fonqolchite,**
**Hamaa yaaduu koo hin argitu;**
**Dubbii afaan kootii kessaas**
**Irra-daddarbaan hin argamu*.**
**4Dubbii afaan kee keessaa ba'uun geggeeffamee,**
**Wanta namoonni hojjetan irraa,**
**Karaa isaan humnaan nama irratti**
**Ka'an irraas, of-eeggadheera,**
**5Ejjennaan faana kootii karee kee**
**Irratti jabaateera,**
**Miilli koos hin bitintiru*.**

**17:1** Xiyyaafaanoonni wal cinaa kadhata faarfatichaa akka argisisaan hubadhu.

1. Dhaga'i – BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE, Far.17:6, 27:7 28:2, 30:10, 39:12, 54:12, 61:1, 64:1, 84:8, 102:1, 119:149, 130:2, 143:1
2. Dhageefadhu – BDB 904, KB 1151, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.5:2, 55:2, 61:1, 86:6, 142:6
3. Dhageefadhu – BDB 23, KB 27, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.5:1, 39:12, 49:1, 54:2, 55:1, 77:1, 80:1, 84:8, 140:6, 141:1, 143:1

Faarfannaan saba Waaqayyoof kitaaba, inni akka dhageefatu qajeelummaadhaan kan gaafatamu (jechuun, ilaalee deebii akka deebisu) barbaachisummaa isaani hawwuu.

Lakkoofsa 1 irratti sababa sirriin jechoota waan jiran ibsan (BDB 841) "Afaan sobaa" kan jiru wajjin wal faalleesseera (Isa. 29:13).

Faarfannaa 17:1, 17:6 wajjin wal cinaa dha. Faarfannaan kun sadan buusaan isaa hunduu kan inni jalqabuu xiyyaafannaa heedduu irratti, akkaata faarfannichaati akka hojjetamuu Waaqayyoon kan kadhatan!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"afaan sobaatiin kan hin taane"** |
| **NRSV,NJB** | **"afaan soba irraa bilisa ta'e"** |
| **NIV** | **"kadhata qulqulluu"** |
| **JPSOE** | **"hameenya irraa kan hin taane"** |

Faarfatichi qajeelummaa isaa mirkaneessa. Innis kan inni kadhatu yaaada dhokataa yookaan soba beekamaadhaan miti (Isa. 29:13).

**17:2** lakkoofsa tokko, xiyyafannoo sadii akka qaban hundumaa, lakkoofsi kun ifaa kan ta'an dhiibbaawwan lama qabu.

1. Firdiin koo/tolli koo si biraa naaf ha dhufu – BDB 422, KB 425, *Qal* IMPERFECT, bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole
2. Iji kee haqummaadhaan ilaalti–BDB 302, KB 301, *Qal* IMPERFECT, bifa dhiibbaa qabuun faayiida irra kan oole

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **haqummaa isaa"** |
| **NKJV** | **"qajeelaa"** |

**NRSV** **"qajeelaa"**
**NJB, TEV**
**JPSOE, REB** **'qajeelaa"**
**LXX** **"qajeelaa ta'u"**

MT "wal madaalchiisu," yookaan "qajeelaa ta'u" kan jedhu qaba (BDB 449). Asitti kan inni eeru YHWH n haqaan yookaan qooduu dhiisuudhaan akka adeemuu dha. Faarfatichi Waaqayyoon kan inni gaaffatu murtoo haqaa akka kennu dha (lak. 1a).

**17:3-5** Faarfatichi ni lakkaa'aa maaliif Waaqayyoo akka isaa faraduu/murteessu.

1. Waaqayyo maal akka godheef (hunduu kan xumuraman"
   a. Laphee isaa qoreerra, lakk. 3A
   b. Halkaniin ilaaleerra, lakk. 3B (A fi B wal cinaa dha, garaagarummaa homaa malee)
   c. Qoree homaa irratti hin arganne, lak. 3C (mata-duree addaa ilaali: Waaqayyo saba ofii isaa ni qora, 11:4B irratti)
2. Inni maal akka godhee yookaan maal akka hin goone
   a. Inni arraba isaan irra hin daddarbine, lak. 5A
   b. Karaa hameenyaa irraa fagaateera, (dubbiin isaa, BDB 829, hiiki isaa "saamaa," Erm. 7:11, ta'us garuu "fincilaa" jechuu danda'a, Hiz. 18:10), lak. 4
   c. Karaa Waaqayyoo irra adeemeera, lak. 5A
   d. Hin mucucaanne, lak. 5B (Far.18:36)

Kan "Karaa" yaad-rimeen hiikii isaa, faarfattichii geggeessaa kakuu Waaqayyoo of-eegannoodhaan duukaa bu'uu isaati (Far.37:31, 40:2, 44:18, 66:9, 73:2, 119:105, Fak. 14:15). Namoota hamoota

1. Karaa irraa goru, gara mirgaatti yookaan gara bitaatti
2. Karaa irratti gufatu
3. Waan nama mucuceessu qabu

Mata-duree addaa ilaali: Waaqayyo saba ofii isaa ni qora Far.11:4B-5

**17:3 D** Barreefamni pirojektii UBS (fuula 182-183) yaadannoo gabaabaa gaarii qaba, hololoon dubbii dachaa kana hiikuudhaaf fillannoo.

"זמתי akka caafema hin murtoofneetti maxantuu boodaa wajjin kan hiikame yoo ta'e, kan lak. 3kutaan isaa dhumaa hiikamuun kan irra jiraatu akka 'karoora kootti (yaada kootti) arraba koon ala hin deemu' kan jedhuu dha (jechuun, yaadni koo dubbii koo wajjin adeema, jechi koos yaada koo mirkaneessa). "זמתי gocha qeenxee ramaddii tokkooffaa yoo hiikame, gaalichi hiikamuun kan irra jiraatu akka "godhee yoon ta'e (waan tokko) (jechuun, waan hamaa), (kun) afaan koo biraan hin ba'u."

Dabalataanis Nidoot, jildii1, fuula 1112 ilaali, yaada wal fakkaataa sirreefamaa. Jijjiramatin jiruun, "hameenya koo" irraa (BDB 273, KB 273) gara "hubadheerra" yookaan "karoorseera" (BDB 273, KB 273, *Qal* PERFECT) kan inni of keessatti qabatu jijjirama dubbiftootaa qofa dha.

## Macaafa Faarfaannaa:17:6-12

6**Ani sin waammadha, ati immoo ana jalaa in**

**owwaatta yaa Waaqayyo! gurra kee gara kootti qabi,**

**dubbii koos dhaggeeffadhu!**

7**Gaarummaan kee dinqisiisaa akka ta'e mul'isi!**

**Atti warra gara mirga keetti baqatan,**

**Namoota isaan irratti ka'an jalaa in oolchita.**

8 **Akka agartuu ija keetiitti na eegi,**

**Gaaddisa bobaa keetiinis na golboobi*!**

**[9] Jal'oota humnaan anatti bu'an,**

**Diinota koo warra gojoma'anii anatti dacha'anis**

**Ati ana irraa dhowwi!**

**[10] Dhageettiin garaa isaanii hadoodeera,**

**Afaaniin asii fi ol in haasa'u.**

**[11] Isaan faana dha'aanii amma nu marsaniiru;**

**Lafaan nu dha'uudhaafis ija**

**Isaanii nu irra kaa'ataniiru.**

**[12] Isaan akka leenca waa kukkutachuu kajeelee ti,**

**Akka il'moo leencaa isa riphee taa'uu ti.**

**17:6-12** Buusaan kun kan inni ibsu gocha Waaqayyooti, faarfatticha fi gochoota dinoota isaatti irratti.

1. Gochawwan Waaqayyoo
   a. Inni waan waamatee fi Waaqayyo deebiseef, lak. 6
   b. Waaqayyo jaalala kakuu isaatti fi amanamummaa isaa argisiise (Jechuun, gaarummaa, mata-duree addaa ilaali Far.5:7 irratti)
   c. Waaqayyo hirkoo kenneef (Far.5:11 irratti yaadannoo ilaali)
   d. Waaqayyoo ni eegee/golbobe "agartuu ijaa" (tokkoof kan godhamu raawwate ciigoo eegumsaa, keessaa iyyuu, kan dhi'oo Kes. 32:16, Fak. 7:2)
   e. Waaqayyoo gadiidduu koochoo isaan golbibe (mata-duree addaa ilaali Far.5:11-12 irratti)
2. Gochawwan mormitootaa
   a. Isa balleesseera (jechuun, ajjeeseerra), lak. 9
   b. Isatti marseerra, lak. 9B, 11A
   c. Isaan laphee isaanii cufaniiru ("Akka isaan yaadatuuf (BDB 316) uwwisani" [BDB 688, KB 742, *Qal* PERFECT]," LXX, "cooma"alta'aadhaan faayiidaa irra kan oole, namootaaf, Far 73:3 fi 119:70)
   d. Isa irratti of-tuulluun dubbatu
   e. Ija isaanii isa irra kaa'aataniiru
   f. Akka leencaatti kukkutan, lak. 12

Faallaa — akkamiiti!

**17:6**
**NASB,NKJV** **"gurra kee gara kooti qabi"**
**TEV, NJB**
**JPSOE** **"gurra kee gara kooti naanneessi"**

Kun ciigoo Ibirootaati, innis kadhannaadhaan faayidaa irra yeroo oolu, YHWH gaaffata akka naanna'u/gara isaatti akka jedhu (2Mot. 19:16, Isa. 37:17, Dan. 9:18, Far.31:2, 71:2, 88:2, 102:2, 116:2).

YHWH , homaa illee kan foonii kan hin taanee le'ii hafuuraas yoo ta'e, jecha namootaan mul'ateera. Mata-duree addaa ilaali namummaa Far.2:4-6 irratti. Namootni jecha homaa hin qaban, ta'us garuu biyya lafaa kana irraa fi foonummaa isaanii wajjin kan walitti kan dhufuun ala. Jecha namootaaf Waaqayyoodhaaf yookaan addunyaa hafuuraaf faayiidaa irra kan oole yeroo hundumaa fakkiiduu dha.

**17:7** lakkoofsi kun duraa fi aantee kan ta'an cimaa, jecha miruummaa barumsa hafuuraa qabateera, qaamaa fi haraaraa YHWH wajjin kan wal qabate.

1. Dinqiidhaan kan mul'ate –BDB 811, KB 930, IMPERATIVE (jecha wal fakkaataa ilaali BDB 810 Far.33:22, mata-duree addaa ilaali Far. 9:1 irratti)
2. Gaarummaa, YHWH's *hesed* – BDB 338 (mata-duree addaa ilaali, Faru5:7 irratti) kunis kakuu isaa amanamaa fi jaalala isaa cimaa kan ibsu

3. Yaa fayyisaa – BDB 446, *Hiphil* PARTICIPLE,, jechuun kan fayyisu, Far.106:7, 21
4. Amanannaa – BDB 340, *Qal* PARTICIPLE, YHWH n daannoo jabaa fi cimaa dha, isatti kan amanan, Far.5:11, 18:2

▣ **"Mirga keen"** gaalee kana karaa baay'eedhaan hubachuun ni danda'ama.

1. Bakka gara Yaahiwwetti itti dhi'aate, rakkattaan hirkoo kan ittiin argatu, NASB, TEV
2. Karaa YHWH n rakkataa ittiin fayyisu (jechuun, harka isaa mirgaa isa jabaa, NKJV, JPSOE, REB mata-duree addaa ilaali: harka Far.7:3-4 irratti)
3. Walitti dhufeenya dhi'oo, faarfatichaa fi dinoota isaa gidduutti (jechuun, walitti dhufeenya dhi'oo, NRSV)

**17:9 "Cubbamoota"** garee kana adda baasuuf nama rakkisa. Innis argisiisuu kan danda'u

1. Hir''ihooni kakuu kaayyoo ofi isaaniif faarfaaticha kan isaan miidhaan
2. hir'ihooni kakuu ha ta'u jedhanii kakuu YHWH kan cabsan
3. saba naanniichaa, isaaniif utuu hin beekiin, duuchaatti waaqa tolfamaa duukaa kan bu'an, YHWH osoo hin taane

Akkaataa haala barreefamichaa qofaa fi adda baasuuf kan gargaaraan buusaa buusaadhaan. Ani hin mirkanneefanne, "Cubbamootni" akkas ta'uu isaanii hubachuu isaanii. Isaan yeroo hundaa gocha isaaniitiin Waaaqayyoon akka tajaajilanii dha kan isaan yaadan.

Faarfannaa kana irratti isaan abbaa qabeenyaa, Israa'eloota isaaniif mijate fakkaatu, qabeenyi isaan qabani fi ijoolleen Waaqayyo akka isaan fudhate mallattoo kakuu akka ta'e.

**17:11 "Ammas nu marsaniiru"** MT gochama qaba (BDB 685, KB 738) akka lakkoofsa qeenxeetti garuu inni hololoo itti aanuu wajjin wal icinaa dha, gochama lakkoofsa baay'een. Kanaaf, beektoonni Masooraatikii mudannoo yaadannoo kaa'eera (*Qere*) akka lakkoofsa baay'eetti akka dubbifamu yaadachiisuun (NASB "Nuyi" Lak. 11, hololoo a fi b).

Akkan yaaduutti lakkoofsi qeenxeen (MT) kan fooyya'ee dha. Faarfannaan kun gadda gadi fagoo nama dhuunfaati, booda irratti garuu akka heera waaqeefannaatti hawaasa hundumaa biratti faayidaa irra oolera, kunis faarfannaa irratti baay'ee kan baratamee.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"tarkaanfii keenya"** |
| **NRSV** | **"tarkaanfii koo dhiibban"** |
| **NJB** | **"durseera"** |

1. Bifa sirrii ta’en– Far.19:2; 119:171; 145:7; Fak. 1:23
2. Alta’aan – Far.59:7; 94:4; Fak. 15:28

▣ **“Ganamniis ganamatti beekumsa dubbatti.”** Mucaan namaa yeroo hundaa sodaadhaan ilaalaa, yeroo tokko tokkoos waaqa tofamaa waaqessuun, urjicha samii (2Mot. 23:5; Far.8:1, 3).

**19:3 “Dubbachuunis hin jiru”** kun kan inni argisiisu callisuu uumamaati, ta’us garuu dhuga baatuu jabaa.

**19:4**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **“ergaa”** |
| **NRSV,JPSOE** | **“sagalee”** |
| **TEV, NJB** | |
| **REB** | **“ergaa”** |
| **LXX NASB mudannaa** | **“sagalee”** |
| **NJB** | **“qooqa”** |
| **Peshitaa** | **“jecha”** |

MTiin קקם (BDB 876II, KB 1081 קו irraa qaba) innis “sarara adda baasu” kan ibsu (NASB). Projektii barreefamaa UBS sadarkaa “A” kenna. Ta’us, LXX fi Jeroom ולםק qabu (BDB 876; KB 1083 קול irraa) hiiki isaas “duddubachuu,” “jecha,” “hiyya,” innis qabiyyicha wajjin bifa fooyya’aan kan wal simuu (hundee wal fakkaataa lak. 3 irratti jechuun, ‘sagalee’). Waldaa kiristaanaa ishee durii kan fayyadamtu (jechuun, kan eeruu) LXX ture.

▣ **“Gara biyya lafaa hundumaati, – hanga daangaa biyya lafaati”** isaan sararoonni jalqaba kan lak. 4 wal cina wal fakkaataa dha. Dhiibbaa hafuuraa argama guutumaati, argamuun Waaqayyo namootaaf (Isa. 42:10; 49:6; 62:11). Hunduu Waaqayyoon beekuu isaaniitiin ittii gaaffatamummaatu irra jira (Rom. 1:18-3:18).

Argamuu uumamaa (jechuun, uumama foonii fi dhuga-baatii safuu keessaa) itti gaaffatamummaa hafuuraa ni fida, karaa namaa hundaa irratti (Rom. 1:18-3:18). Al tokko namichi yoo fayyee isa booddee raajjeefachuu, kan gallateeffanaa, fi karaa waaqeffannaa ta’aaf,

**19:4C-6 “Aduu”** fakkeenyi nuuraa kun aduu kan inni fayyadameef ibsa saayinsaawwaan miti, yookaan uumama yaada bal’aa, ta’us garuu kan baratame qooqa Kakuu Moofaatiin ciigoo kan ibsan bebeekamoon kan isaan fayyadaman, ta’ii uumamaaf. Fakkeenyawwan hubadhu.

1. Aduun godoo qaba (jechuun, bakka bultii), lakk. 4c
2. Aduun misiroo dha, lak. 5a
3. Aduun ni adeema, fageenya murtaa’e, lak. 5B (jechuun, lak. 6irratti kan ibsame)

Aduun guutummaa lafaa hundumaa irratti akka ibsu, akkasumas immoo, amalli Waaqayyoo, humna, miidhagina, fi bifa mul’isuun waan hundumaati (lak. 4A, B). tokkoon tokkoo namaa waa’ee Waaqayyoo waan tokko beeka. Bakki kan biraan qofaan tokkoo “argamuu uumamaa” akkaata hafuuraatiin faayidaa irra kan inni oole, itti gaaffatamummaa namaa ilaaluuf kan argamuus Rom. 1:18-3:18 irratti dha.

Phaawulos dabalataan lakkoofsa kana bifa adda ta’een itti fayyadameera, Rom. 10:18 irratti dha, Adduunyaan ergaa Waaqayyoo Kristoosiin dhageeffachuu/fudhachuun akka irra jiraatu kan argisiisu akkaataa haala barreefamichaa (jechuun, Wangeela). Bara Phaawulositti barsiisota turan yeroo hundaa luqisoota baay’ee bakka tokkotti itti fayyadamaa turan, tuqaa isaa kaa’uun. Phaawulos kan inni shaakale sirritti (galumsa) dha.

Faarfatichii aduu kan inni kaasuu akka tajaajilaa YHWH godheeti, waaqeffannaa aduu Maheesiif, kan faayidaa (baha dhi’oo durii). Faarfannaan kun, akka Uumama 1 hundaa kan argisiisu YHWH n

qaama samii akka uumee fi akka to’atuu dha (jechuun, aduu, ji’a, urjii, pilaaneetiwwan, bakalcha furgugifamu, k.k.f). Isaan waaqa  yookaan ergamaa miti, jireenya mucaa namaa kan to’atan yookaan keessaa iyyuu dhiibbaa isaanii kan geessisan!

## MACAAFA FAARFANNAA: 19:7-14

**7 Seerri Waaqayyoo guutuu dha,**
**Lubbuu namatti in deebisa;**
**Wanti seerri Waaqayyoo**
**Dhugaa ba’u amanamaa dha,**
**Inni wallaalota iyyuu beektota in godha.**
**8 Ajaji Waaqayyoo qajeelaa dha,**
**Garaa namaa in gammachiisa;**
**Abboommiin Waaqayyoo qulqulluu dha,**
**Ija namaa in ibsa.**
**9 Waaqayyoon sodaachuun yaada qullaa’aa dha,**
**Bara baraan jabaatee in dhaabata;**
**Akka namni ittiin geggeeffamuuf**
**Wanti Waaqayyo kennu dhugaa dha,**
**Guutummaan isaas qajeelaa dha.**
**10 Inni Waaqayyo kennu kun warqee caalaatti,**
**Warqee baqfamee qullaa’e baay’ee caalaattis,**
**Ilaalamuun kan ta’uu dha; damma caalaa,**
**Nadhii dhaaba dammaa keessaa**
**Coccophu caalaas in  miyaa’a.**
**11 Garbichi kee isaan in gorfama**
**Namni isa eegus bu’aa guddaa qaba.**
**12 Wanta utuu hin beekin irraa kaate**
**Eenyutu hubachuu danda’a ree?**
**Balleessaa koo isa na duraa  dhokate**
**Kana anatti hin ilaalin*!**
**13 Waan of gad dhiisuudhaan**
**Hojjetan irraas  garbicha kee eegi;**
**Wanti kun ana irratti hin mo’in!**
**Yoos hir’inni ana irratti hin   argamu;**
**Xurii cubbuu guddaa irraas nan oola*.**
**14 Yaa Waaqayyo kattaa koo fi furii ko,**

**Wanti ani si duratti afaan kootiin dubbadhu,**

**Garaa koottis yaadu fudhatamaaanaaf haa ta'u!**

**19:7 "Gooftaa"** kun Waaqayyoon, maqaa kakuu YHWH ti. Innis Ibiroota irraa "kan ta'uu" gochama dha, Bau. 3:14. Barsiisotni kan jedhan inni kan inni argisiisu Waaqayyoo dha, Israa'eel wajjin kan inni qabu walitti dhufeenya kakuu adda ta'e. Mata-duree addaa ilaali Far.1:1 irratti.

▣ **"Guutuu"** mata-duree addaa ilaali: mudaa kan hin qabne Far.18:20-24 irratti.

**19:7-9 "Seera…ragaa…seerrata…abboommii…firdii…sodaa"** isaan kun Waaqayyoof kan barreefame mul'ata wal fakkaataa dha. Mata-duree addaa ilaali Far.1:2 irratti.

▣ **"Guutuu…kan amanate…qajeelaa….ifaa…qulqulluu…dhugaa"** isaan kun Waaqayyoodhaaf kan barreefame amala isaa kan ibsanii dha. Kitaabni qulqulluun qofaa isaa, ifaa, Waaqayyoo kan ofii isaa ittiin ibsuu dha. Kun isa guddaa jajjabina amantiiti. Innis hundee irraa "yaadaan liqimfamu" jedhamee waamama (mata-duree addaa kana gadi jiru ilaali). Amantii kanaaf dursi tilmaamaa ragaa koo argachuudhaaf fedhiin isaa oliiti "amanamummaa Kakuu Haaraa" kan jedhe weeb sayitii sarara kallatiin www.freebiblecommentary.org ,"Sermooni Vidiyoo" "lalaba Vidiyoo," Lakeside, Dallas erguu ni dandeessa.

## Mata duree addaa: Inspirationii (namaa ifuu)

"Kan yeroo tokkoo hundumaaf" amantiin kan inni argisiisuu dhugaa, hundee ammantiwwaani yaad-rimee, biyya lafaati kan xiyyeefaatu barumsa kiristaanummaati (2 Pheexiroos 2:21). Kun al tokkocha kan laatame cimsa xin-waaqummaa (theology) murtaa'ummaa kan qabu liqinfamuu dha, tilmama dursaa macaafa Qulqulluu kunnis barreefama kakuu haara, akkasumas kan boodaa yookaan barreefamoonni biroon liqinfamuun kan ta'e akka lakka'aman hin hiyyamu. Qabatamaa kan hin taanee baay'een, waan hin mirkaneefatmne, akkasumas ifaa kan hin taanee naannoon Kakuu Haaraa jiru, haa ta'uu malee amantonnii kan cimsan dhugaadhaan "barbaachiisa" wantootni ta'an, gochaa fi amantiidhaaf iftoomina ga'aa Kakuu Moofaatti hamatamuu isaaniti.

Yaad-rimeen isaa "mul'ata golee sadan" kan jedhuu ifatti ibsameera.

1. Waaqayyo mataa isaa seena keessatti yeroo fi bakkaan of mul'iseera (Mul'ata)
2. Innis kan murta'aan barreesitootaa namaa fillateera, gocha isaa akka galmeesanii fi akka ibsaniif (liqimfamuu)
3. Inni hafuura isaa kenneera, sammuu fi laphee namaa akka banuuf barreefamoota kana akka hubataniif, bifa murtaa'en utuu hin ta'in fayyinnaa fi kan milkaa'ee jireenya kiristaanummaa bifa gahaa ta'een (ibsa)

Kan tuqaa kanaa kan ta'uu liqimfamuuqulqulluu sagallee isaaf barreesitoonni murtaa'oo ta'u isaaniti. Kan biroon aboo kan qaban dabalatan barreeffamoonni, kan gala galfaman, yookaan mul'ati hin jiraatan. Qulqulluun Sagallee isaa cufameerra. Dhugaan nuu barbaachisaan hundummaa qabu, qabnas, Waaqayyoodhaaf bifa sirri ta'een gammachuudhaan deebbii akka laanuuf.

Dhugaan kun sirritti kan argamuu barreesitoonni macaafa Qulqulluu wali galteedhaa fi qajeelloo kan ta'an, amantoota gaarii wali galuu dhabuu dha. Eenyu iyyuu barreessaan ammayyaan yookaan dubbataan ergama geggeefama Waaqayyummaa qaba, barreesitootni sagallee isaa akka qaban hundummaa.

**19:7-11 "Ni deebisa….ni raawwata… nama gammachiisa…ni ibsa… ni jiraata…firdii…ni jaallata…ni eega….eeguu isaatiin"** kana ibsi barreefamichaa nuuf kan inni godhu. Gatii qulqulluu sagalee isaa mucaa namaa kufeef kan akkamiiti!

Wal cinawwan sadan hubadhu

| Waamama argamuu YHWH | labsii argamuu YHWH | kaayyoo argamu YHWH yookaan labsii isaa |
|---|---|---|
| Lak. 7A Seera Waaqayyoo | Guutuu/ mudaa kan hin qabne | Lubbuu ni deebisa |

| | | |
|---|---|---|
| Lak. 7B Ragaa Waaqayyoo | kan amanate | Mucoollii ogeessota godha (Far.119:98-100) |
| Lak. 8A Seerrata Waaqayyoo | Qajeelaa | Garaa koos na gammachiisa (Far. 119:14) |
| Lak. 8B Abboomii Waaqayyoo | Ifaa | Ija kees ni ibsa (Far.36:9; 119:130) |
| Lak. 9A Sodaa Waaqayyoo | Qulqulluu | Bara baraan jiraata |
| Lak. 9B firdii Waaqayyoo | Dhugaa | Qajeelummaa tokkummaan (Kes. 32:4, Far.119:138) |
| Lak. 10A isaan | Baay'ee kan jaallataman | Warqee, Warqee qulqulluu (Faru.119:72, 127) |
| Lak.11 | Isaan eeguu | Badhaasa guddaa |
| Lak. 11B | Garbicha kee | Ni eega |

Wal cina irra deddeebi cimaa akkamiiti! Mul'achuu Waaqayyoof kan oolu, kan ibsu, kan yaachisu, fi eebba amansiisaa dha!

**19:8-9 "Tola"** hundeen Ibirootaa kun irra jireessaan kan jedhu! "ulee safaraa" dha. Innis waa'ee ulaagaa firdiiti kan inni dubbatu. Waaqayyo mataa isaati ulaagaan sun. mata-duree addaa ilaali Far.1:5 irratti.

**19:9 "Sodaa"** maqaan dhalaa kun (BDB 432, KB 433) hiiki isaa "ulfaachuu" yookaan "sodaadhaa fi kabajaan" dha. Yaad-rimeen isaa yeroo hundaa og-barruu ogummaan faayidaa irra ni oola (Iyoob. 4:6; 6:14; 22:4; 28:28; Far.5:7; 34:11; 90:11; 111:10; 119:38; Fak. 1:7; 2:5; 8:13; 9:10; 10:27; 14:26-27; 15:16; 16:6; 19:23; 22:4; 23:17). Ergaan irra deddeebi'aan/kabaja/ulfeessu jalqaba ogummaa ta'uu isaaniiti dha! Waaqayyoon ala dhugaan hin jiraatu, mucaan namaa kufe ilaalcha fi aadaa yoo ta'uu baate (Isa. 29:29:13).

▣ **"Bara baraan jiraata"** dhugaan wal fakkaataan kun Yesuusiin ibsameera Mat. 5:18; 24:35; Mar. 13:31; Luq. 21:33 irratti.

**19:10 "Warqee fi damma caalaa baay'ee jaallatama"** kun kan ati caalchiiftu mul'achuu Waaqayyoo irratti kan qabdu ni ibsaa? Kitaabni qulqulluun kee qabeenya baay'eee jaallatamaa dhaa?

**19:11 "Garbicha kee ni eega"** Waaqayyoo nagaa fi gammachuu qajeelfama jireenyaa nuuf kenneera, ta'us garuu itti jiraachuutu nurra jiraata! Karaan hafuuraa jira (Far.1:1 irrattti yaadannoo jiru ilaali) isa irratti turuutu nurra jiraata (Mat. 7:13-14).

**19:12-13** Isaan lakkoofsonni kun beekumsa kan kennuu fi kadhata dha, kunis amma bakka jirutti beekuu dhiisuu fi haala gowwummaa gidduu keessatti illee Waaqayyo gahumsaan hojjechuu akka danda'uu dha, uumama keenya kufe.

1. "Dogogora isaa eenyutu hubata?" (Far.40:12). Waaqayyo qofa dha garaa kan beeku. Innis murteessuutu irra jiraata (Far.139:23-24; 1Qor. 4:4-5; Ibr. 4:12-13).
2. "Cubbu dhokkataa irraa na qulqulleessi." Kun xiyyaafannoo kadhataati (BDB 667, KB 720, Peeyil IMPERATIVE). Innis "Baleessaa dhokkataa" akka ta'e hubadhu ifatti hameenya mul'atu osoo hin taane (Lew. 2:2, 22, 27, 5:15-18; 22:14).
3. "Cubbuu ija jabummaa irraa na eegi" kun xiyyaafannoo kadhata kan birooti (BDB 362, KB 359, xiyyaafannoo jechaa). Kun fincila ifa ta'ee dha.

   "Ija jabummaa" addeessi jeddhu (BDB 267) Far.119 irratti yeroo baay'ee faayidaa irra ooleera (lak. 21, 51, 69, 78, 85, 122) fi "of-tuullummaa" kan jedhuun kan hiikame, innis gara hameenyaa kan argisiisu. Akka yaada barreefama kanaatti kan inni ibsuu cubbuu beekamaa dha.
4. "Akka na hin bitne" gochamni kun *Qal* IMPERFECTe dha ta'us garuu bifa dhiibbaatiin faayida irra kan oole. Kunis kan biro tuqaa kadhataati. Cubbuun bitaa garbichaati (Rom. 5:21; 6:9, 14, 17, 23).

Kan lak. 13 kan xumuraa hololoowwan lamaan bu'aa gaaffii kadhata faarfatichaa argisiisu.

1. Guutuun ta’a
2. Cubbuu koo isa guddaa irraas nan qulqullaa’a

Faarfattichi fedhii dandeetti Waaqayyootiin amantii guddaa qaba, cubbuu akka dhiifama godhuu fi akka hir’aanfatu (Isa. 1:18; 38:17; 43:25; 44:22; Mikiyaas 7:19). Galumsa dhiifama kanaan kan nuuf dhiifamu Kakuu Haaraatti kan galmaa’ee fi hiika isaa qofaan, jireenya Yesus Kristoos irraa, barumsa, du’a, du’aa ka’uu, ol-fudhatamuu fi deebi’uu (jechuun, Wangeela). Faarfannaan Waaqayyoof kan barreefame mul’ata ajaa’ibsiisaa fi gudduummaa akka ulfeessu, Kakuu Haaraan immoo dabalataan argamuu mul’achuu Waaqayyoo ajaa’ibsisuu isa mul’isa (jechuun, jecha isaa jiraataa)! Yesus ga’umsa mul’achuu Waaqayyooti (Yohaannis 1:1-14; Qola. 1:13-17, Ibr. 1:2-3).

**19:14** Humna argamuu Waaqayyoo irraa kan ka’e fi akka harara isaa isa ajaa’ibsiisaatti, Faarfattichi kadhata isaa itti fufeera.

1. Dubbii afaan koo (gochama tokko, BDB 224, KB 243; *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra ooleerra, ni to’ata lak. 1, 2, 3)
2. Yaada garaa koo
3. “Fudhatama akka argatu” (BDB 953) kan jedhu
   a. Kan baratamee jecha aarsaa Lewoota irratti
   b. Baay’ee jecha baratamee ogummaa og-baruu irratti

   ETV isa kan inni hiiku akka

   1) Kan gammade/kan gammachiisu/gammachuu
   2) Fudhatama kan qabu/fudhatama kan argate
   3) Simboo/simboo kan argate
   4) Gahaa kan ta’e
   5) Kan gammachuu

Yeroo tokko isa beeknee isaan yoo geeddaramne, karaa isa gammachiisuu irra jiraachuuf ni barbaanna. Kan biros gara isaa karaa fidu. Dhiifamni dhugaan gaarrummaadhaan kan jijjiramee fi jireenya jijjiramaa jiru mul’isuutu irra jiraata (Rom. 8:28-30; 2Qor. 3:18; Gal. 4:19; Efe. 1:4; 4:13; 1Tes. 4:3; 5:23; 2Tes. 2:13; Tito 2:14; 1Phex. 1:15)! Amantii kiitaba qulqulluu galmi isaa yeroo duunu mootummaa Waaqayyo miti, amma Kristoosiin fakkaachuu dha malee!

▣ Ibsi baay’een waamama faarfannaa kanaa ni cufu, Far.18 akka jalqaban (jechuun, lak. 2).

1. YHWH (jechuun, bara baraan kan jiraatu, bakka hundaatti kan argamu, qofaa isaa Waaqa)
2. Kattaa
3. Kan oolchuu (jecha keeyata, mata-duree addaa ilaali, asi gadii kan jiru)

## Mata-duree addaa: Furuu

I. Kakuu Moofaa:
   A. alqabarratti jechoota Ibirootaa lamatu jiru. Yaadi rime kana kana mul’isanis:
      1. *Ga’al*, Bu’uurri jecha kanaa gatii kaffaluudhaan “Bilisa Baasuu”jechuudha. Yaad-rimeen jechi Gool jedhuu waan tokko dhuunfaadhaan seenuu; miseensa maatii. Amalli aadaa akkanaa kun mirga meeshaalee, bineensotaa fi lafa (Leew. 25:27) ykn firoottan (Ruut. 4:15; Isaa. 29:22;)deebisanii bituu dha. Amalli Waaqummaa isaa Waaqayyo Isiraa’eliin Gibxii furuu isaa mul’isuuf (Kees. Deeb. 6:6; 15:13; Faar. 74:2; 77:15; Erm. 31:11). Kunis Furii ta’eera jedha. (Iyyo. 19:25; Faar. 19:14; 78:35; Fakk. 23:11; Isaa. 41:14; 43:14; 44:6:24; 47:4; 48:17; 49:26; 54:5:8; 59:20; 60:10; 63:16; Erm. 50:34).
      2. *Padah*, (Padah): Hiikni isaas “oolchuu”ykn “furuu”jechuudha.
         a. Furii ilma hangafaa (Ba’uu 13:13; 14; Lakk. 18:15-17)
         b. Furiin foonii faallaa furii hafuuraa ti. Faar. 49:7; 8:15

c. Waaqayyo Isiraa'eliin cubbuu fi hammeenya isaaniitti isaan ni fura. Faar. 130:7-8

B. Yaadi-rimeen hafuuraa isaa wantoota walqabatoo sadii of keessatti qabata.
1. Rakkina, garbummaa, kisaaraa, hidhaa
   a. Kan qaamaa
   b. Hawwaasummaa
   c. Hafuuraan (Faar. 130:8)
2. Bilisummaaf, gadi-dhiifamuu fi deebi'uuf gatii kaffaluu qaba.
   a. Saba Isiraa'eliif (Keess. Deeb. 7:8)
   b. Nama dhuunfaatiif (Iyyoob 19:25-27;33:28)
3. Inni tokko akka isa gidduu seenuutti ykn gargaartuutti hojjechuu qaba. Akka Gaalitti kun kan ta'u miseensa maatii ykn fira dhihootiin.
4. YHWH n yeroo mara kan inni ittiin of ibsu jecha maatiitiin.
   a. Abbaa
   b. Abbaa manaa
   c. Fira dhihoo.

Furiin kan inni mirkanaa'u, bakka- bu'iinsa qaamaa YHWH tiin. Gatii ni baasa kanaaf ni furama.

II. KAKUU HAARAA

A. Yaad-rimeen yaada waaqarraa ibsuuf jechoonni baay'een hojiirra oolaniiru.
1. *Agoraazoo* (1Qor. 6:20; 7:23; 2Pheex. 2:1; Mul. 5:9; 14:3-4). Jechi kun jecha daldalaa ti. Innis gatii waanta tokko agarsiisu kan calaqqisiisuudha. Nuti namoota jireenya ofii keenya to'achuu hin dandeenye warra dhiigaan bitamanii dha. Nuti kan Kiristoos.
2. *Eksaagoraasoo* (Exagorazo Gal. 3:13; 4:5; Efe. 5:16; Qol. 4:5). jechi hunis jechuma waa'ee daldalaa ibsuudha. Du'a Iyyesuus bakka-bu'iinsa keenya du'eedha. Iyyesuus gocha seeraa (Seera Musee Efe. 2:14-16; Qol. 2:14) irratti kan hundaa'e abaarsa ilmaan namootaa warri cubbamoota ta'an baachuu hin dandeenye baateera. Innis abaarsa keenya baate (Keess. Deeb. 21:23;) hunduma keenyaafis (Maar. 10:45; 2Qor. 5:21) jaalalaa fi furiiIyyesuus ilma waaqayyoo fi araaraa isaa isa guutuutti fudhatamuun ta'eera.
3. *Luo* "Bilisa Baasuu"
   a. *Lutron*, "Gatii baafame" (Maat. 20:28; Maar. 10:45). Jechoonni kun jechoota ciccimoo kaayyoo dhufaatii Isaatii ilaalchisee, fayisaa biyya lafaa ta'uusaa ilaalchisee kan Isaa kan hin ta'in gatii cubbuu baasuudhaaf afaan Iyyesuus keessaa bahaniidha (Yoh. 1:29).
   b. *Lutroo* "Gadi-dhiisuu"
      (1) Isiraa'eloota furuu; Luq. 24:21
      (2) Saba Isaa furuu fi waamuuf ofiisaa kenne Tiit. 2:14
      (3) Bakka- bu'aa cubbuu hin qabne ta'uu; 1Pheex. 1:18-19
   c. Luutiroosiis : "Furuu, Fayisuu ykn Bilisa baasuu"
      (1) Raajii Zakkaariyaas waa'eee Yesuus Luq. 1:68
      (2) Galata Hannaan waa'ee Yesuus Waaqayyoof dhiyeessite Luq. 2:38
      (3) Aarsaa Iyyesuus Isa fooyye-qabeessaa fi isa si'a tokko dhiyaate; Ibir. 9:12
4. Appooliitiroosiis *Apolytrosis*
   a. Deebi'ee dhufuusaatiin furamuu (H. Erg. 3:19-21)
      (1) Luqaas 21:28
      (2) Rom8:23
      (3) Efe 1:14
      (4) Ibrota 9:15
   b. Du'a Kiristoosiin furamuu
      (1) Rom3:24
      (2) 1Qorontoos 1:30
      (3) Epheson 1:14; 4:30
      (4) Ibrota 9:15

5. *Antilytron* (1Xim. 2:6). Barreeffamni kun akka Tiitoo 2:14 tti barreeffama murteessaadha. Hiikamuu ykn gadi dhiifamuu du'a bakka bu'iinsaa Iyyesuus Fannoorratti du'e waliin wal qabsiisa. Inni aarsaa isa tokkichaa fi isa fudhatama qabuudha. Hundumaafis kan du'eedha. (Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiit. 2:11; 2Pheex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14).

B. Yaad-rimeen amala waaqaummaasaatii kaku haaraati kan agarsisu

1. Ilmaan namaa garbummaa cubbuutiin qabameera (Yoh. 8:34; Room. 3:10-18; 6:23)
2. Ilmi namaa garba cubbuu ta'uusaa seera Musee fi (Galaa. 3)lallaba Iyyesuus isa Gaara irratti lallabameen (Maat. 5:7) ibsameera. Gochi namootaa firdii du'aa ta'e (Qol. 2:14)
3. Iyyesuus Ilmi Waaqayyoo inni mudaa hin qabne hoolaa waaqayyoo ta'ee bakka keenya dhufee du'e (Yoh. 1:29; 2Qor. 5:21). Cubbuurraa kan nuti bitamneef akka isaaf hojjennuuf. (Room. 6).
4. Iyyesuusii fi Waaqayyo waa'ee keenyaaf kan hojjetan firoottan dhihoodha. Kunis walitti dhufeenya maatummaa ittifufaa taasisa. (Fira dhihoo jechuun abbaa, abbaa manaa, ijoollee, obboleessa)
5. Furamuun gatii Seexanaaf baafame otuu hin taane karaa araaraa ittiin sagaleen Waaqayyoo fi tolli Waaqayyoo jaalalaa fi guutuummaa kennuu Waaqayyootiin walitti araaramaniidha. Fannifamuu isaatiin nagaan argameera; hammeenyi namootaa dhiifama argateera; fakkeenyummaan Waaqayyoo (tokkummaa jaalalaatiin) namoota irratti hojjechaa jira.
6. Gara fuula duraattis furiin Waaqayyoo ni jiraata. (Room. 8:23; Efe. 1:14; 4:30 ;). Kunis du'aa ka'uu foonii keenyaa fi firummaa qaamaa nuti Waaqayyo waliin qabnu of keessatti qabata. Qaamni keenya inni
furame qaama Kiristoos fakkaata (1Qor. 3:2). Inni qaama qaba, garuu qaamni isaa kun bifoota baay'eedhaan mul'ata. Yaada dhokataan (1Qor. 15:12-19; 35-59) irra jiru ibsuun rakkisaadha. Foonni qaama biyya lafummaa qabaachuun isaa beekamaadha. akkuma kana wanti Waaqarraa qaama hafuuraa qabaata. Iyyesuus garuu qaamota lamaanuu qabaata. Yesuus lamaansa qaba!

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "Argamuu walii galaa" maalii dhaa? Innis waa'ee Waaqayyoo maal sitti himuu danda'a?
2. "Argamuu addaatiin" keessatti maal qabateera? Innis waa'ee Waaqayyoo maal sitti himuu danda'aa?
3. Faarfannaa kana irratti Waaqayyoof maqoonni adda addaa maaliif faayidaa irra oolan?
4. Faarfannaan kun akka ibsuutti seera Waaqayyootiin gammachuu heedduu itti argateettaa?
5. Amala seeraa tarreessi.
6. Waa'ee cubbuu dhokkatee maal gochuutu narra jiraata?
7. "Cubbuu ija jabinaa" maalii dhaa? Kakuu Moofaa irratti isaan irratti kan jabaatuuf maaliif?
8. Lakkoofsa 14 hiiki isaa Siif maal jechuu dha?

# FAARFANNAA 20

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Diinota isaa irratti moo'icha argachuuf kadhaata<br><br>Seensa MT kan qabu faarsaa Daawiit angafa faarffattootaa | Amansiisa hojii fayyisuu Waaqayyoo | Mootiin lolatti moo'icha akka argtuuf kadhata | Kadhata moo'ichaa | Kadhat mootiidhaaf |
| 20:1-3 | 20:1-3 | 20:1-3 | 20:1-5 | 20:1-2 |
| | | | | 20:3-4 |
| 20:4-5 | 20:4-5 | 20:4-5 | | |
| | | | | 20:5a |
| 20:6-9 | 20:6 | 20:6-8 | | 20:5b |
| | 20:7-8 | | 20:6-8 | 20:6 |
| | 20:9 | 20:9 | | 20:7-8 |
| | | | 20:9 | 20:9 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun ta’uu kan danda’u gara lolaa osoo hin deemiin dura seerrata waaqeffannaa godhamuuti, Faarfannaa 21 mootii mo’ee fi looltoonni baga nagaan dhuftee akka jedhamu.

B. Kennawwan isaa kan lak. 3(jechuun, “nyaata” fi “cooma”) kennaawwan aarsaa beekamoo ta’uu danda’u, lolaan fuuldura.

C. Faarfannaa/wwan fi chaappawwan kan lak. 5 mootii isa mo’aa baga nagaan dhufte jechuun karawwan barataman ta’uu danda’u.
Faarfannaa 21, 20:5 irraa faarfannaa eerame ta’uu danda’a.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 20:1-3

**1 Waaqayyo, guyyaa rakkinaatti**
**Kadhata keef deebii siif haa kennu!**
**Waaqayyo inni kan Yaaqoob,**
**Maqaa isaatiin si haa eegu*!**
**2 Inni mana qulqullummaa isaa**
**Keessaa gargaarsa siif haa ergu!**
**Irkoos Xiyoonii siif haa kennu*!**
**3 Inni kennaa kee hundumaa siif**
**Haa yaadatu, faaraanis gara aarsaa qalma**
**Keetii siif haa ilaalu! Selah.**

**20:1-3, 4-5** buusaan kun kadhata, lak. 4-5 irratti akka jiru, gara YHWH tti kadhachuu, baka-buutota kakuu irraa akka hubatu/mooticha Daawit, 1Sam. 8:7; 10:19) lola irratti (lak. 5, 7).

Duraa fi aantee IMPERFECT hubadhu, bifa dhiibbaa qabuun (NASB, NRSV, REB, NIV, JPSOP, jechuun, gaaffii kadhataa) lakk. 1-5irratti.

1. Waaqayyo siif haa deebbisu – BDB 772, KB 851, *Qal* IMPERFECT
2. Maqaan Waaqa Israa’eel bakka ol-ka’aa irratti isaa eegu – BDB 960, KB 1305, *Piel* IMPERFECT
3. Inni mana qulqullummaa isaa irraa gargaarsa siif ha kennu – BDB 1018, KB 1511, *Qal* IMPERFECT
4. Inni Tsiyoon irraa si’aa utubu – BDB 703, KB 761, *Qal* IMPERFECT
5. Inni midhaan hirbaata qulqulluu kee haa yaadatu – BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERFECT
6. Inni fedha garaa kee siif ha kennu – BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT, Far.21:2; 37:4
7. Inni gorsakee/kaayyoo kee siif haa raawwatu –BDB 569, KB583 *Piel* IMPERFECT
8. Kadhata kee hundumaa siif ha raawwatu – akka gosa lak. 7

**20:1 “Guyyaa rakkinaatti”** kun gaalee irra deddeebi’aa dha (Uma. 35:3; 2Mot. 19:3; Far.50:15; 86:7; Fak. 24:10; 25:19; Isa. 37:3; Erm. 16:19; Abid. Lak. 12, 14; Naah. 1:7; Imb. 3:16). Innis kan rakkinoota adda addaa baay’eef dhaabbata, addunya kufe kanatti kan raawwataman. Oduun isaa, Waaqayyoo rakkina keenya hundumaa beekuu isaati (jechuun, Bau. 3:7-8/ kanaaf rakkinoota kana gidduutti nu wajjin. Inni fedhii namootaa hundumaaf deebbi dha, akkasumas bifa nama ajaa’ibsiisuun ni deggera!

“Guyyaa” jechi jedhu (BDB 398) hiikoota baay’ee qabu. Mata duree addaa kanaa gadi jiru ilaali.

(Jechuun seera bahu 20:9-10)

## Mataa duree addaa: YOM

Hiikni *yom* (Guyyan) yaadni waanta qabatamaa irratti hin hundoofne (Theories) kan fudhatame fi kan fooyyee Dr. John Harris' (Dean of the School of Christian Studies and Professor of OT at East Texas Baptist University) OT Survey I Notebook irratti:

1. Sa'a 24 n yeroo yaada barnootaa Dheedhummaa isaatti kun sirri kan ta'e galmadha *The Literal Twenty-Four Hour Period Theory* (seera ba'u 20:9-11). Galma kana irra ka'udhan gaaffileen kaa'an,
   a. Guyyaa duraa irra akkamin iffi jiraata. Aduun hanga guyyaa arfaffaattiyyuu eega hin Uumamnee?
   b. Horiin hundumitinu (keessumaa kan biroorra kutaa Addunyyaarra harka caalaatti turaniiru). Guyyaa tokko gadi kan hintaanetti. akkamiin moggaafamu? (Um 2:19-20) ?
2. Tiorii Day-Age
   Barumsi kun kan yaalamu, Saayinsiin walta'insa kennuuf (keessuma qorannoo lafaan). Sagalee isaa walin. Barumsich (Theories(kun kan inni argisiisu "guyyoonni" "qorannowwan umurii lafaa"ta'u isaati, dheerinatti, Dheerinni isaanii walqixedha, Akkasums qorannoon lafaa bifa qabsiisuufi walirra tuulama garaa garaa tilmaamee ibsuuf gargaara. Saayintiistonni umama 1 akka waliigalaa guddinaatti waliigala agarsiisaniiru. Biqilaa fi Bishaanni lafaa fi galaanni gargar bahuu faana. Lubbuu dura ta'u agarsiisa.
   a. Lubbuun biqiloonni lubbuu horii duraa dhufua, Dhalli namaa kan bakka bu'u isaa booddanaatii fi walxaxaa gosa jireenyaati akkaataa galma kanaan kan ka'an gaaffileen.
   b. Biqilootairratti daraaraan walmakuun akkamitti ta'a lubbu qabeeyyishifooniif simbirroonno "barootaaf" utuu hin umamin turanii utuu jiranii?
3. Filannoo umurii guyyootaa yaada barumsaa Guyyoonni dhugumaan sa'a 24 qabu, Garuu tokkoon guyyaa baraataaf hirmaatama, Kunsi guddina umamaa argisiisa, Galma kanaan gaafileen ka'an,
   a. Rakkoolee walfakkaatoo'tu ka'u akka bu'ura barnoota umurii guyyaa tokko ka'umissa yadda (Day-Age Theory).
   b. Barreeffamich "Guyyaa agarsiisa akka sa'a 24 tiif akka barnootatti fayyadamuuf?
4. Ittifufiinsa kan qabu badiis umamaa bu'ura barnootaa kun bu'ura barnoota yookiin (The Progressive Creation-Catastrophe Theory) Ka'uumsi yaadaa kun akka itti aanutti ramadama. umam 1:1 fi 1:2 giduu kan hinmurtoofne sa'aa yerootu jira, Innis Qoranno lafaa ammayyawaa kan itti raawwatame; Yeroo kana, Dursa seena umamaa Foosilii kan ibsaman umamaniiru. Tilmaamaan waggoota 200,000 dura, Uumamaa Olitti kan ta'e badiisii ta, e lafakanaarratti kan jiraatu lubbu hedduuwwan balleese. Akkasumas horiidanuu tasa balleessee. Achiis umama 1 guyoonni ta'an. Isaan guyyoonni kun kan agarsiisan ammo irra deebii uumamaatii, umama durairra caalaatti.
5. *The Eden-Only Theory*.
   Tarreeffamni waa'ee umamaa kan agarsiisu uumamaaf Qaama irra keessa qofaadha.  jannata Eeden.
6. The Gap Theory
   Uumam 1:1 irrati hunda'un, waaqayyo addunya gonkumma ta'e uumeera. Uumama 1; 2 irratti hundaa'un Luusiifer (Seexanich).  Dhimaa addunya mormamee fincile. Waaqayyoo Lusiifeer fi addunya balleessaa cinaadhaan itti murteesse. Waggota miliyoonotaafis qofaa ishee haftee turte. Kanaafis jaataraan qoranoo lafaa nidarban. Uumama, 1; 3-2; 3 irratti hundaa'un, Bara 4004 Q. l. Ki. Dheedhiiwwan ji'an digdamii Afran sa'a fi guyyootaa, Irradeebiidhaan ummni umame. Biishop Asheer (Bara 1954) Kan umamamni 5 fi 11n farreeffama dhalootaa ilmaan uumamni yoom akka taate beekuuf bara 4004 itti fayyadamaniiru. Ta'us akkaataan qorannoo lafaa erga xumuuame tartiiba qamarii bakka hin bu'u.
7. The Sacred Week Theory
   Macaafni seera umamaa kan barreessan guyyootaaf torbeewwani yaada bu'urra kan ta'e akka meeshaa og-barruutti waaqayyoo fi umamaasaa akka safartuu ayyaana hafuura Isaati,
   Caseffama bifa kanaan hojii uumanii Waaqayyo miidhagina isaatiif bifa addummaa isaa agarsiisa.
8. Eebbifamuu mana Qulqullummaa Kosmoosiis (The Cosmic Temple Inauguration).
   John H. Walton, *The Lost World of Genesis One*, IVP. 2009, Innis guyyoota 6n kan ilaallatu.
   "Oontoloojii" hojiirraa oole (Sirna Hilaawweetiif) malee kan waantoota qabatamanii oontoloojii miti.
   Isaan kan hubatan Waaqayyoo samii ilmaan namaaf akka bu'a ta'utti ajajuu isaa yookaan hojechuu isaa.
   Kunis kan durii kan biroorra heera agarsiisa addunyaa (Kosmooloojii) waliin wal sima.
   Fakkeenyaaf guyyottan sadan duraanii kan isaan bakka bu'aan "Waaqayyo" ibbaanoonni (jechuunis,

Yeroon) , "Haala qiileensaa" (Jechuunis yeroo sanyiitiif) inni itti nyaata kennu. Kan irra deebi'ame jechi "Innis garii ture" Hojiirra Oolmaasaatiin Ibsama,

Guyyaan turban kun kan ittiin ibsamu danda'u Waaqayyo guutummaa hojii isaaniitiif bultoo kan ta'e "Heera agarsiifama Addunyaa" (Koossomiikii) Qulqullummaa, Qabeenya dhuunfaa isaa ta'uu isaa, Tooftaaf dursa ta'u isaa agarsiisa. Uumama 1 waa'e waantoota qabatamaa Uumamaa miti kan inni ibsu; Gruu WAaqayyoof namoonni hojii waliigalteesaanii ibsuuf akka ta'utti naamuusa ta'uudha.
"Guyyoonni" kan ta'an meeshaa waliitti dhufeenyaa barreeffamaa AANE waliigaltee waliigalaa,

1. Uumamaawaadhaafi uumama gararraa isa ta'e gidduu garaa garummaan homtinuu hin jiru.
2. Hafuurri Ayyaanaa lubbu qabeessaa hunduma keessatti galee ture. Kan Israa'el adda ta'uun ishee ilaalcha waliigalaa miti kan ta'e malee.

a. Waaqa tokko waaqessuu ishee (monotheism)
b. Uumamni dhala dhala namaaf malee waaqoliif kan hintaane ta'uusaa,
c. Waaqoliidhaaf waaqoliidhaan akkasumas waaqoliif namoota gidduu sadarkaa israa'elitti walitti bu'iinsi hin turre.

Isheen gahee Uumamawaa shee kan biraa waliin hin turre, Garuu kan walii gala isaanii kan addunyaa ilaalchaan hirmaatte malee.

▣ **"Maqaa Waaqa Yaaqoob"** gaalee kana kan ibsan mata-dureewwan adda addaa lammatu jiru.

1. Maqoota hafuuraa Far.1:1 irratti
2. Maqaa YHWH Far.5:11-12 irratti

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"iddoo ol ka'aatti si ha eegu"** |
| **NKJV** | **"sirraa ha ittissu"** |
| **NRSV, TEV** | |
| **NJB, LXX** | **"si haa eeguu"** |
| **JPSOE** | **"fayyaatti si haa eegu"** |
| **REB** | **"daannoo jabina kee siif haa ta'u"** |

Gochamni MT (BDB 960, KB 1305, *Piel* IMPERFECT bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole) "ol jechuu," jallatti dha, kanaaf kan bira hin gahamnee fi fayyiummaa isaa kan eegee dha (Far.59:1; 69:29; 91:14; 107:41). Kunis fakkeenya wal fakkaataa ta'ee dha, kan ol jedheef, daannoo ittisaa kan ta'ee, Far.18:2 irratti faayidaa irra kan oole!

**20:2 "Mana qulqullummaa keerra…Xiyoon irraa"** isaan kun ciigoo wal cinaati. Lammanuu kan isaan argisiisan mana qulqulluummaa Yerusaaleem jiruu dha. Innis yeroo Daawititti kan hin ijaarame hin turre, ta'us garuu manni qulqullumichaa achi ture. Yerusaaleem kan isheen ijaaramte gaaroota torba irratti ture, manni qulqullichaa kan ijaarame gaara Mooriyaa irratti ture (1Sen. 21:18; 2Sen. 3:1). Gaara Xiyoon qabiyee daannoo Iyaabuus ture, Daawitiin kan qabame (2Sam. 5:7; 1Sen. 11:5), akkasumas qabiyyee mana mootummaatiin. Booda irratti maqaan isaa guutummaa Magaalaa Yerusaalemitti faayidaa irra oole, kanaaf "mucaa dubaraa Xiyoon" kan jedhu saboota Israa'elootaaf (2Mot. 19:21).

Far.20:6 gaaleen itt fayyadamu "qulqulluu iddoo bultii waaqa irraa" innis wal cina kan biraa ta'uu hubadhu.

**20:3 "Selah"** 3:2 irra kan jiru yaadannoo fi seensa faarfannaaf VII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 20:4-5

**4 Waan garaan kee jaallatu siif haa kennu!**

**Akeeka kee hundumaas siif haa haa raawwatu*!**

[5]**Yommuus mo'icha ati argatte irratti,**

**Guddifnee sagalee gammachuu in dhageessifna,**

**Maqaa Waaqayyo keenyaatiinis faajii keenya**

**Ol fuunee in dhaabbanna!**

**Waaqayyo, himata kee**

**Hundumaa siif haa raawwatu!**

**20:4 "Fedhii garaa kee"** kun nagaafi dhimma amanachuuti. Fakkeenya hawwa waan ta'uu qabuu, mootii Daawitiif kadhata eebba mana qulqullummaa Solomoon (1Mot. 8:22-61 ti).

**20:5**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"waa'ee gammachuu faarfanna"** |
| **NKJV, LXX** | **"ni gammanna"** |
| **NRSV , TEV** | |
| **JPSOE** | **"gammachuudhaan ni hiyyina"** |
| **NJB** | **"gammachuun si galateefanna"** |
| **REB** | **"galata kee sagalee olka'aadhaan ha faarfannu"** |

Gochamni kun (BDB 943, KB 12:47, *Piel* CHOHERETIVE) "hiyya" mul'isa, gaariif yookaan hamaaf, bu'uura akkaata barreefamichaati. Isaan kun mo'icha loltuutti gammaduu dha, Yaahidhaan kan argame (Sof. 3:14).

▣ **"Ol ol ni jenna"** דגל duukaa bu'a (BDB 186, KB 213, *Qal* IMPERFECT [Kakuu Moofaatti as qofatti kan inni argamu] bifa walitti hirkateen faayidaa irra kan oole). Innis kan eegamuu ulaagaa baga nagaan dhufteeti, mootii isa mo'aa fi loltootaaf.

Kitaabni qulqulluun TEV /fuula 875/ fooyya'aa dhi'eessa, kan biraan hundeen gochamaa נגיל , BDB 162 irraa waliingaa wajjin. Kitaabni qulqulluun TEV kan jedhu kun wal cinaa wajjin karaa fooyya'aan wal sima, akkasumas Far.89:16 irra yaadanno jiru, gochamichi "maqaa keen" kan jedhu wajjin wal qabatee faayidaa irra kan oole.

▣ **"Kadhaa"** kun maqaa darbee darbee (BDB 982) Kakuu Moofaatti yeroo lama qofaa dha kan inni argamu, asittii fi Far.37:4 irratti. Hundeen gochamichaa /BDB 981/ hiiki isaa "gaaffachuu" dha. Hundeen isaa maqaa baay'eedhaan ta'a (1Sam. 9:2, 3, 5; 1Sen. 1:48, 49; 4:24; 6:24).

## MACAAFA FAARFANNAA: 20:6-9

[6]**Amma Waaqayyoo mootii isa ofii dibee moosiseef**

**Mo'icha akka kennu ani beeka;**

**Iinni bantii waaqaa isa qulqulluu kan isaatii keessaa**

**dDeebii in deebisaaf; hojii aangoo harka isaa**

**Mirgaatiin hojjetu sanaanis mo'icha in kennaaf*.**

[7]**Kaan konkolaataadhaan,**

**Kaan immoo fardeeniin of jaju;**

**Nuyi garuu maqaa Waaqayyoo**

**Gooftaa keenyaan of in jajanna*.**

[8]**Isaan mudhukani in kufu,**

**Nuyi garuu jilba jabaannee**

**Ol qajeellees in dhaabanna.**

[9] **Yaa Waaqayyo mootii, ati mo'icha kenni!**

**Guyyaa si waammannuttis ati nuuf deebisi!**

**20:6-9** Faarfattichi/jechuun, mooticha, luba, yookaan kuufama qeenxee, lak. 9 karaa fooyya'aan fillaannoo kanaa wajjin wal sima/amantii isaa ni jabeessa, YHWH n deebii ta'uu qabuun akka keennu.

1. Amma nan baree– (BDB 393, KB 390, *Qal* IMPERFECT
2. YHWH n ni fayyisa – BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERFECT

Gochamichi kan inni ibsu amanamummaa mijaa'ee dha (Far.56:9, 118:6; Rom. 8:31-39). YHWH n guyyoota keessatti ni ldhaggeefata in dhaga'as (20:6B, C/. mootichis sabni kakuu karoora ool'chuu bal'aa ta'e irra kan qoodatanii dha, namoota hundaaf /mata duree addaa ilaali, Far.2 seensa irratti/.

**20:6 "Isa dibe"** gochamni Ibirootaa kun "dibamuu" dha (BDB 603), innis waamama beekamaa kan ta'e, Waaqayyoodhaaf kan jedhame mooticha dhufu (Far.2:2; 18:50/. Mata duroota addaa ilaali

1. Maqaa waamichaa Kakuu Moofaa karaa adda ta'een kan inni dhufu Far.2:2 irratti
2. "Masihiicha" Far.2:2 irratti

▣ **"Mirga isaa"** kun ciigoo Ibirootaati, humna, aangoo fayyadamuuf. Mata-duree addaa ilaali: harki Far.7:3-4 irratti.

**20:7** "Of jajuu" gochamni jedhu (BDB 269, KB 269, *Hiphil* IMPERFECT/ akkuma jirutti "sababa yaadannoo" jechuu dha. Innis isa itti amanu tokko argisiisa.

1. Humna namaa /jechuun, konkolaataa, fardeen, loltoota, meeshaa lolaa, k.k.f)
2. Abdiiwwan YHWH

Bakka kana barreefamoonni wal cinaa gagaariin jiru –Kes. 20:1; 31:6, 8; Abo. 7:2; 1Sam. 17:45, 47; 2Sen. 20:17; 32:8; Far.33:16; 17; 44:2-3; 4-8; 6:11-12; 146:3-7; 147:10; Fak. 21:31; Isa. 31:3; Erm. 17:5; Zak. 4:6! Kan itti amantuu maalii kan ittiin of jaju?

▣ **"Of jajna"** gochamichi (BDB 209; KB 209; *Hiphil* IMPERFECT) hiiki isaas "sababa yaadannoo" innis hiiki isaa tibba darbeen yookiin eebba yookaan namni dhuunfaa gammaduu yookaan galateeffachuu dha, "Of jajuu" yaad-rimeen jedhuu kitaaba qulqulluu keessatti faayida qabeessa; keessaa iyyuu Erm. 9:23-24 ilaali. Fayyadamni yaad-rimicha barreefama Phaawuloos irratti ilaali, mata-duree asi gadi jiru.

## Mata duree addaa: Of jajuu

Isaan jechii Girikii *kauchaomai, kauchēma,* and *kauchēsis*, yeroo sodommi shani Phaawulosiin fayyadama irra yeroo oolu, ala lama qofa kan hafee kutaa Kakuu Moofaa keessatti argama (lamannuu Yaaqoob irratti). Kan isaa fayyadamni inni guddaan tokkoo fi II Qorontos irratti.

Waa'een ofjauu dhugaa gurguddaa lama wajjin walqabata qaba.

A. Tokkollee kabaja foonii/ofjajuu hiqabu, waaqayyo duratti (1Qor 1:29, Efe 2:9)
B. Amantoonni dirqamatti ofjajuu kan qaban Goftaadhaan (1Qor 1:31, 2 Qor 10:17, innis Erm 9:23-24 tiifi kan erudha.

Kanaafis, waan ta'uuf waan hintaane ofbobokossuun/ofjajuun jira (jechuunis, ofjajuu).

A. Sirrii kan ta'e

1 Abdii ulfinaarra (Rom 4:2)
2 Karaa Waaqayyoo, karaa Yesuus kiristoos (Rom 5:11)
3 Fannoo Goftaa Kenya Yesuus Kiristoos (jechuun, kan Phaawuloos wanti qabatama guddaan, 1Qor1:17-18, Gal. 6:14)
4 Phawuloos kan itti ofjaju
   a. Tajaajila isaatif waan argatu kan hiqabne (1 Qor 9:15,16,2Qor10:12)
   b. Tayitaa isaa Kiristoosin ta'eef (2 Qor 10:8,12)
   c. Hojii namota biraatiin ofjajuu dhiisuusa (tokko tokko Qorontositti akka ta'an, 2 Qor10:15)
   d. Sanyiidhaan dhaalisaa (tokko tokko Qoronroositti akka godhan, II Qorontos 11:17, 12:1,5,6)
   e. Waldoota-kiristaanaati
      (1) Qorontos (2 Qor7:4, 14, 9:2, 11:10)
      (2) Tosoloonqee (2 Tos. 1:4
      (3) Waaqayyoo dhaan jabachuu fi olchuun kan irra ture amanachuu (2 Qor 1:120)

B. Sirrii kan hintaane
1 Dhaala Yihuudotaa wajjin kan firoomu (Rom 2:17,23, 3:27, Gal. 6:13)
2 Waldaan Qorontos tokko tokko ofjajuu akka turan
   a. Namaan (1 Qor3:21)
   b. Ogummaa dhaan (14:7)
   c. Birmadummaadhaan (1 Qoro 5:6)
3 Barsiisonni sobduun waldaa Qorontositti of jajuu yaalaniiru (2 Qoro 11:12)

**20:8** walcinawwan faallaa hubadhu. Jecha keenyaaf/gocha keenyaaf bu'aa qaba!

**20:9 "Gooftaa koo, fayyissi"** mirkaneefannaan kun gaaffii kadhataati (BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE (Far.3.3:7; 6:4; 17:13).

▣ **"Yeroo mootichi isa waammateettis ni dhaga'a"** kan gochamichaa bifa jecha seer-lugaa wajjin *Qal* IMPERFECT dha, bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole. LXX fi hiikoota ingilliffaa baay'ee saboota ilaalatuuf mootichaaf akka godhaniif kadhata dha (20:6; Far.21:7; NRSV, TEV, NJB REB) yookaan "mootii" YHWH an argisiisu ta'a (Targumis UBS kitaaba yaadannoo, fuula 202; dabalataanis Far.98:6; 145:1 yaadannoo ilaali).

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Gaaffiwwan kadhataa hundumaa tarreessi "godhi….." dhaan kan jalqaban; lak. 1-5 irraa.
2. "Fedha garaa kee siif ha kennu" jechuun maal jechuu dha?
3. Lak. 5 kan inni argisiisu mo'icha loltuuti? Maaliif?
4. Kan Waaqayyoo "kan dibame" eenyuu dha?

# FAARFANNAA 21

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waa'ee oolfamuu galata | Gammachuu fayyisuu gooftaatti | Mootiin lolatti erga m'ooee booda galtata (faarsaa 20) | Galata moo'ichaaf | Ayyaana Moo'uumsaaf |
| | | | | 21:1-2 |
| Seensa MT kan qabu angafa faarffattootaaf faarsaa Daawiit 21:1-6 | 21:1-2 | 21:1-7 | 21:1-2 | 21:3-4 |
| | 21:3-4 | | 21:3-4 | 21:5-7 |
| | 21:5-7 | | 21:5-6 | |
| | | | 21:7-9c | 21:8-10 |
| 21:7-13 | 21:8-12 | 21:8-10 | 21:9-12 | 21:11-12 |
| | | 21:11-12 | 21:13 | 21:13 |
| | 21:13 | 21:13 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaa 20 fi 21 wal qabachuun isaanii hin hafu. Far.20 seerrata kadhata Waaqefannaati, yeroo lolaatti mo’uudhaaf, akkasumas Faarfannaa 21 akkaataa seerrata waaqeffannaa wal harkaa fuuchuuti, mootichi loltoota isaa wajjin mo’ichaan waan deebi’eef.

B. Buusawwan yaadamuu qaban hubadhu. Hiikotni ingilliffaa baay'een ramaddiwwan buusaa wal madaalchiisuuf namni tokko mirkanneessuu danda'a, dhugaa gurguddoo ammamii faarfannaa isaa keessatti akka ibsaman.
   1. NASB –2
   2. NKJV –5
   3. NRSV –4
   4. NJB –6

   Ifatti akka mul'atuutti mirkanneeffachuun rakkisaa dha, akkam godhee buusaawwan adda baasuuf. Yeroo hundumaa mallattoon barreefamaa hin jiraatu. Baratootni ammayyaa dirqamatti

   1. Wal cinawwan wal bira qabuun
   2. Garee rukkutaa Ibirootaa wal bira qabuu
   3. Dhimma Mata-dureewwan cinaan ta'an wal cina qabutu isaan irra jiraata (tokkoon tokkoon buusaa dhimma mata-duree guddaa tokko qaba)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 21:1-6

**1Yaa Waaqayyo, mootiin humna ati argisiiftuutti**
**In gammada, Mo'icha akka inni argatuuf**
**Gargaaruu keetiif gammachuu guddaa attamii in qabaata!**
**2Hawwa garaa isaa isaaf kenniteetta,**
**Waan inni sitti himates isa hin dhowwanne*! Selah.**
**3Ati waan gaariidhaan isa eebbisuuf**
**Gara isaa dhufteetta, gonfoo warqee qullaa'aa irraa**
**Hojjetames mataa isaa irra keesseetta.**
**4Inni jiraachuudhaaf si kadhate,**
**Atis jireenya in laatteef, guyyoota jireenya isaas**
**Baraa amma bara baraatti dheerressiteef*.**
**5Mo'icha akka inni argatuuf gargaaruu keetiin**
**Ulfinni isaa guddaa ta'e; surraa fi simboos isa irra in keesse.**
**6Inni yeroo hundumaaf eebba akka ta'uf isa in dhaabda,**
**Dhageettii gammachuu si duratti**
**Argamuudhaan dhufuunisisa in gammachiifta.**

**21:1** wal cina wal fakkaataa ilaali "humna keen" fi "fayyisuu keen gidduu kan jiru.

Jechi isaa (BDB 447, saala dhalaa) fayyuu kan inni hiikuu hiikootni yaadamuu qaban baay'eedhaan.

1. Badhaadhummaa – Iyoob 30:15
2. Ooluu/gargaarsa –2Sam. 10:11; 1Sen. 19:12; Far.22:1
3. Fayyisuu – Uma. 49:18; Far.3:2, 8; 14:7; 35:3; 53:6; 62:2; fi kan biroo dabalata baay'ee
4. Mo'icha –Bau. 15:2; Far.20:6; 21:1, 5, 44:4; 68:20-21; 118:14, 15, 21

YHWH n abdii keenya isaa guddaadha,  kan biraan hin jiru! Akkaataa kanaan, duuka buutootni amanamoon, (akkaataa haala barreefamichaatti, mootii) gochuu isaanii itti fufu

1. Gammaduu isaanii –- BDB 970, KB 1330, *Qal* IMPERFECT, Far.9:2
2. Gammaduu – BDB 162, KB 189, *Qal* IMPERFECT, Far.9:14

**21:2** lakkoofsi kun kan wal qabatuu kan fakkaatuu Far.20:4 wajjinii dha, kanaaf kadhata mootii wajjin wal qabata, mo'icha loltuuf.

Wal cina lamman gochama xumuraman ilaali (jechuun, gocha xumurame).

1. Kenniteef – BDB 678, KB 733, *Qal* PERFECT
2. Hin dhorkineen – BDB 586, KB 602, alta'aan, *Qal* PERFECT

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV** **"gaaffii"**
**NJB** **"kadhata"**
**LXX** **"hawwuu"**
**NEB** **"gaaffii"**

Jechi isaa (BDB 77, KB 92) Kakuu Moofaatti as qofatti kan inni argamu**.** Akkaataa haala barreefamichaatti kan eeruu kan fakkaatu, kadhata seerrata waaqeefannaati, waraanaan fuul dura, kunis iddoo bultii/mana qulqullummaa ta'uu kan danda'u.

▣ **"Seelahi"** Far.3:2 yaadannoo jiruu fi seensa faarfannaa ilaali, VII irratti. Tarreesitootni tokko tokkoo kan isaan hubatan, inni kan inni ibsu tuqaa seerrata waaqefannaati qabnuu dha, isa booda seerrata waaqefannaa kan biraa gocha hiika qabu (jechuun, galata, Faarfannaa, aarsaa, dubbisa seera waaqefannaa kan biraa, sagada, k.k.f).

**21:3-6** Isaan kun gochawwan YHWH ti akka mootichaatti.

1. Eebba wantoota gaariitiin wal arge (jechuun, YHWH n ofii isaa mootii isa mo'aa nagaadhaan fudhate)
2. Mataa isaa irratti gonfoo warqee gaarii kaa'eef (jechuun, mirkanneefannaa lammaffaa mootii ta'uu isaati yookaan ce'umsa seerrata waaqefannaa, kan waranaa gonfoo sibiilaa gara gonfoo mootuummaatti)
3. Kadhata waa'ee jireenyaatiif kadhate kenneef (jechuun, mo'icha lola irratti)
4. Ofi irratti jiraachise
   a. Ajaa''ibsiisummaa (BDB 217)
   b. Simboo (BDB 214) – isaan kun YHWH  kan labsanii dha (1Sen. 16:27; Far.45:3; 96:6; 104:1; 11:3), ta'us garuu bifni YHWH  bifa mucaa namaa waan ta'eef, wantoota kana qoodatu (Far.8:5)
5. Umurii dheeraadhaan isa eebbise ('*olam* dirqamatti hiikamuun kan irra jiraatu akkaataa haala barreefamichaatti, mata duree addaa ilaali Far.9:5 irratti, barreefama wal cinaa kan inni ta'u "mootiin bara baraan ha jiraatu" dha 1Sam. 10:24; 1Mot. 1:25, 31, 34, 39, Dan. 2;4, 3:9)
6. Argamuu keetiin gammadaa gootee

Mootiicha miti gocha YHWH  kan fudhatu, ta'us garuu karaa isaan saba kakuu isaa hunduma malee.

## MACAAFA FAARFANNAA 21:7-13

[7]**Mootichi Waayyoon in  amanta,  gaarummaan abbaas**

**akka inni hin mittiqne in godha.**

**8Harki kee dinoota kee hundumaa bira in ga'a,**
**Harki kee mirgaas warra si jibban bira in ga'a.**
**9Yeroo ofi kee argisiiftutti gubaa**
**Akka iddoo ibiddaa isaan in goota;**
**Waaqayyo dheekamsa isaatiin**
**Isaan in fixa, ibiddis xaph isaan in godha.**
**10Ati dhala isaanii lafa irraa,**
**Sanyii isaanis ilmaan namootaa keessaa in balleessita;**
**11Hamaa yoo si irratti yaadan, yoo**
**Si irratti koratanis, fiixaan baafachuu hin danda'an*.**
**12Atoo fuula duraan iddaa kee isaanitti in qabda,**
**Dugda duuba deebi'anii akka baqatanis in goota.**
**13Yaa Waaqayyo aangoo keetiin ka'i!**
**Nuyi humna kee in faarfanna,**
**Mi'a garaa garaatinis faarfannaa in dhageessifna.**

**21:7 "Mootichi Waaqayyoon in amanata"** kun labsii mirkaneeffannaa amantii mootichaati (BDB 105, KB 120, jecha keeyata gochaa, Far.4:5; 9:10; 13:5; 22:4, 5, 9, fi kan biraa dabalataan). Mootiin cimina, gammachuu, fi oolchuu qaba, YHWH qofaan.

▣ **"Araara isa ol aanaatiin"** jechii kakuu adda ta'e, "arjummaa" (*Hesidi*, BDB 338, mata-duree addaa ilaali Far.5:7 irratti) jechuun kan YHWH amanamummaa kakuu. YHWH n yeroo hunda amanamaadha, mootichi fi sabni isaa immoo akkas ta'u, "amanuu isaanii" hanga itti fufanitti (BDB 105, KB 120) isaan (Far.125:1). Nahimiya 9 amanamummaa YHWH tii fi amanamuu dhiisuu Israa'eel kan galmeeffamee dha!

Isa "olaanaaf" (*Elohiim*, BDB 751) mata-duree addaa ilaali Far.1:1 irratti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB,LXX** | |
| **JPSOE** | **"hin raafamu"** |
| **NKJV, NRSV** | **"hin socho'u"** |
| **TEV** | **"yeroo hundaa fayyummaan isaa eega"** |
| **NJB** | **"akka hin kufneef isa eega"** |

Gochamichi (BDB 556, KB 555, *Niphal* IMPERFECT) hiiki isaa "sochoosaa," yookaan "kan sosocho'u," yookaan "mucucaataa" jechuu dha. Innis bifa baay'eedhaan faayidaa irra oolu danda'a.

1. Teessoo irra jiraachuu
2. Fayyummaan jireeenya irratti
3. Tooftaa jireenyaa gaarii

Bifoota adda addaa ilaaluudhaan, Far.10:6; 15:5; 16:8; 21:7; 30:6; 62:2, 6; 112:6; Fak. 10:30; 12:3. YHWH dhaan tasgabaa'uutu jira, biyya lafaa kufeen osoo hin taane.

**21:8-12** lakkoofsonni kun kan isaan ibsan YHWH (jechuun, karaa loltuu mootitiin) maal akka godhuu dha, mootii fi sabni isaa amanamoo ta'anii hanga argamaniti.

1. Dinoota kee irratti aangoo
2. Dinootni kee ni badu
3. Dinoonni kee fi sanyiin isaanii ni dhumu ni badus
4. Dinoonni karoora isaaniitti isaaniif wal hin qixaatu (jechuun, mooticha YHWH fi saba kakuu isaa irratti hameenya karoorsuun Waaqayyo irraatti karoorsuu dha lakk. 11A; Far.2:1-3; 83:1-5)
5. Dinoonni kee lolaan gara booddeetti ni deebi'u

Beektoonni tokko tokko (ABυʌ ) lakkoofsonni kun kan isaan argisiisan, YHWH n akkamitti lola irratti, sabaa fi mootii kakuu isaa wajjin akka hojjetu akka ibsanii dha.

▣ **"Harka"** kun ciigoo Ibirootaati, gocha raawwachuudhaaf humna maleen. Mata-duree addaa ilaali: harka Far.7:3-4 irratti.

**21:9 "Waaqayyo isaan balleessa"** gochamni kun (BDB 118, KB 134, *Piel* IMPERFECT) ciigoo dimimiseesuu guutuumaa saati (Iyoob. 2:3; 10:8; 19:3; 28:7; Far.Erm. 2:2; 5; 8).

**21:13** lakkoofsi kun faarfannicha kan of keessatti qabatu aboommii galata YHWH f ta'uu dha.

1. Ol jedhi –BDB 926, KB 12:02, *Qal* IMPERATIVE. 2Sam. 22:47; Far.18:46; 46:10; 57:5, 11; 108:5
2. Ni faarfanna– BDB 1010, KB 1479, *Qal* CHOHERETIVE
3. si gallateeffanna – BDB 274, KB 273, *Piel* CHOHERETIVE

▣ **"Humna keetiin"** jechi irra deddeebi'aan kun faarfannicha jalqaba (lak. 1) faarfannicha cufas (lak. 13). Waaqayyo amala isa guddaa kitaaba qulqulluu. Kitaaba isaati, waa'ee isaati!

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. faarfannaa 20 fi 21 akkamitti walitti dhufu?
2. Lakkoofsi 4 jireenya bara baraa argisiisaa?
3. Lakkoofsa 7-13 irra kan jiran fakkeenummaa loltuu tarreessi.

# FAARFANNAA 22

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Boo'icha gaddaa fi faarsaa galataa<br><u>Seensa MT</u><br>Angafa faarffattootaaf Ejeliiz Hasheshar irratti Faarsaa Daawiit | Gidiraa Masiihichaa, glataa fi sanyii itti fufu | Dhukkuba nama ajjeesu irraa fayyuudhaaf kadhata (boo'icha) | Boo'icha gaddaa fi faarsaa galataa | Gidiraa nama qajeelaatii fi abdii |
| | 22:1-2 | 22:1-2 | 22:1-5 | 22:1-2 |
| 22:1-5 | | | | |
| | 22:3-5 | 22:3-5 | | 22:3-5 |
| | 22:6-8 | 22:6-8 | 22:6-8 | 22:6-8 |
| 22:6-8 | | | | |
| | 22:9-11 | 22:9-11 | 22:9-11 | 22:9-11 |
| 22:9-10 | | | | |
| | 22:12-13 | 22:12-13 | | |
| 22:11-18 | | | | |
| | 22:14-15 | 22:14-15 | 22:12-13 | 22:12-13 |
| | 22:16-18 | 22:16-18 | 22:14-15 | 22:14-15 |
| | 22:19-21b | 22:19-21a | 22:16-18 | 22:16-18 |
| | 22:21c | 22:21ለ-24 | 22:19-21 | 22:19-21 |
| 22:19-21 | | | | |
| | 22:22-24 | | | |
| | 22:25-26 | | 22:22-24 | 22:22-23 |
| 22:22-24 | | | | |
| | 22:27-28 | 22:25-26 | | 22:24 |
| | 22:29 | 22:27-28 | 22:25-26 | 22:25-26 |
| 22:25-31 | | | | |
| | 22:30-31 | 22:29-31 | 22:27-28 | 22:27-31 |
| | | | 22:29-31 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Hiktoonni ammayyaa yaada barreessaa jalqabaa jabeessanii akka fiudhataniif, akkaata hiikaa hoji irra oolchuu gaaffata, hiika dubbifama kammiyyuu akka ta'utti hubachuuf akka ta'uutti akka tuqaa isa guddaatti. Kun faarfannaa kana irratti rakkisaa ta'uu isaa mirkaneessa.
   1. Seensi MT yaadaan liqimfamuu irratti sirrii ta'uu dhiisuu isaanii (jechuun, maramaa galaana du'aa irratti argamuu dhiisuu isaa)
   2. Tarreefamonnii mooticha Daawit yookaan kan biraa jireenya nama Kakuu Moofaa wajjin wal simuu dhiisuu isaanii
   3. Yesus irraa shaakala fannoo irratti isaanii wal fakkaataa ajaa'ibsiisaa (Mat. 27:46; Mar. 15:34)

B. Kanaaf, hiiktoonni ammayyaa faarfannaa kana akkamitti ramaduu?
   1. Ramaddii guddaa(jechuun, dhugaan Kakuu Moofaa keessa jiru jireenya Yesus irratti dhugaa malee wajjin wal cina ta'uu isaa)
   2. Raajii himame
   3. Raajii abbaa raawwii baay'ee
   4. Yaada-ijoo seena qabeessa (dubbii dachaan) shakaala nama Kakuu Moofaa

C. Wantootni hin baratamne baay'een ni jiraatu, Kakuu Moofaa irraa seenaa yoomessaa wajjin haraaramuu (dhugaa ba'uu) kan hin dandeenye.
   1. Fannifamuu (jechuun, "kan lole" yaadannoo ilaali)
   2. Uffata isaa carraa tapha daamaatiin fudhachuu
   3. Ejjennoo darbee darbee, saba ormaa of keessatti qabachuu, lak. 27
   4. Waabii yaadamuu qaban
      a) Jireenya bara baraa, lak. 26C
      b) Warra du'an irratti dhiibbaa inni qabu, lak. 29
      c) Kan duuka buutota amanammoo "sanyii" uumamuu, dhaloota baasu
   5. Dinoota fudhachuuf yookaan miidhuudhaaf waamicha gochuu dhiisuu isaa hubadhu
      a) Anis akka warra kan biro faarfannaa kan dhi'aatuu seenaa irraa, seer-luga irraa, akka hundee jechaatti, ta'us garuu ija tokkoon gara du'a Kristoos. Isa irra kan xiqqaate gochuu hin danda'u!
      b) Faarfannaan kun Kakuu Haaraatti kan eerame yookiin eeramni isaa fannifamuu Yesuus wajjin kan wal qabatee dha. Kakuu Haaraan agarsiiftuu isa dhugaati, Kakuu Moofaa ilaaluuf, galagaltoo isaa osoo hin taane! Kakuu Haaraa (jechuun, Yesuus) kan ga'umsa mul'ataati (Mat. 5:17-48).
         (1) Lakk. 1– Mat. 27:46; Mariqos 15:34
         (2) Lakk. 7– Mat. 37:29; MAriqos 15:29
         (3) Lakk. 8 – Mat. 27:43
         (4) Lakk. 16 – Mat. 37:35, Yohannis 20:25
         (5) Lakk. 18 – Mat. 27:35; Mariqos 15:24; Luqas 23:34; Yohannis 19:24
         (6) Lakk. 22 – Ibr. 2:12
         (7) Itti yaaduun lak. 15 – Yohaannis 19:28 irratti

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA : 22:1-5

**1Waaqayyo ko, Waaqayyo ko, maaliif na dhiifte?**

**Ana gargaaruuttii, dubbii aadnaa koottiis maaliif fagaatte*?**

[2] **Yaa Waaqayyoo ko, guyyaa gara keetti nan iyya,**
**Ati garuu anaaf hin deebiftu; halkanis nan iyya,**
**Qabbana immoo hin argadhu.**
[3] **Kana keessaa immoo, ati qulqulluu dha,**
**Teessoo kee irra jirta; galanni Israa'el faarfannaadhaan**
**Siif dhi'eessus teessoo kee jala jira.**
[4] **Abboonni keenya si amanatan,**
**Isaan in amanatan, atis isaan in oolchite;**
[5] **Gara keetti iyyanii, in baraaraman,**
**Si amanatanii, hin yeellaasifamnes*.**

**22:1**hima jijjiirama irra deddeebi'aa sirrii kan qaban.

1. Waaqa koo, waaqakoo, lak. 1 (irra deebi'uun isaa mirkaneefannaaf)
2. Waaqayyoo koo, lak. 2 (*Eelohi*, BDB 43)
3. Gooftaa koo, 22:19B
4. Gargaaraa koo, 22:19B

Faarfattichi Waaqayyoon waamaa jira, bakka argama isaa kallatiin, bifa cimaa fi miiraan. Wali walii isaanii beeku! Faarfannaa kanaaf kutaan inni jalqabaa Yesus fannoo irratti eeramuu isaa ilaaluuf jecha, inni achi irratti kan inni jedhu (yookaan barreessaa wangeelaa yaada hafuuraan liqimfame) dubbiftootni gara fuulduraa guutummaa faarfannaa akka dubbisaniif. Hololoo jalqabaa irraa eeruu jechuun qulqulluu sagalee isaa maramaa akkaataa haala barreefamichaa karaa ittiin eeranii dha.

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV, NJB "dhiisuu"**
**TEV, JPSOE "dhiisuu**

Gochamni kun (BDB 736 I, KB 806, *Qal* PERFECT) hiika isaa dhiisuu yookiin tuffachuu dha, callisanii dhiisuu. PERFECT kan ibsu yaada cimaa dhiisuuti. Bakkoota baay'eetti Kakuu Moofaan sagalee isaa kan itti fayyadamu, YHWH n saba kakuu isaa fi abdii isaa dhiisuu isaati (Far.119:8; Isa. 54:7; Erm. 7:12; Hiz. 8:12), ta'us garuu Waaqayyo kan gallateefame ha ta'u waa'ee Uama. 28:15 fi waa'ee Isa. 54:7 hololoo lammaffaa.

Callisuu kanaa yookaan dhiisuu kallattti dhuunfaa cimaa hubadhu (jechuun, "ana," At. 27:46). Faarfattichi YHWH dhaaf dhiiseera calliseeras. Maaliif akka ta'ee hin hubanne. Innis cubbuu harkifataa kamiin iyyuu miti (jechuun, hir'inaan yookaan badiisaan).

▣ Hololoo lammaffaan gochamummaa hin qabu. NKJV, NRSV, REB JPSOE ..hunduu "waa'ee maalii…" kan jedhu of keessatti qabatu, isas gaaffii kan isaan godhan. Faarfattichi "wawwaannaa" qabateera (BDB 980, Iyoob 3:24; Far.32:3). Jechi Ibirootaa agarsiisuu kan inni danda'u deeffuu Leencaati (Iyoob. 4:10), ta'us garuu asitti wawwaannaa namaati, kan xiin-sammuu fi dhiphinna qaama fi wali gad ta'uu, kanas akkaataa yaada barreefamichaati walaloo fooyya'aan. Faarfattichaaf galuu hin dandeenye, Waaqani kakuu maaliif amanamaa nama kakuu dhiisuu akka danda'e (22:2).

Dhiisuun sodaachiisaan kun, kan qofaa ta'uu, fi wali gadi ta'uu miira hafuuraa bu'aa kufaatiiti (Uumama 3). Mucaan namaa, bifa fi fakkeenya YHWH tti kan hojjetame (Uma. 1:26-27; 3:8),

miidhameera. Qooduun sodaachiisa dha. Haala kanaan cal jechuu YHWH mirkanneefannaan miiraa itti kennameera, sababni isaa faarfattichi isa waan beekuuf. Faarfattichi cal jechuu Waaqayyo biraa ta'e galuufi hin dandeenye, akkasumas kan biro irraa dhiiphaa gara jabinaa isa irra ga'u! ta'us garuu kaayyoo qaba ture (jechuun, Wangeela, Mariqoos 10:45; 2Qor. 5:21)!

**22:2** Kadhatni cimaan faarfattichaa dhaga'amuu dhiisuu itti fufeera, yookaan inni yoo xiqaate deebii wali galaa hin kennamneef (Far.42:3; 88:1-2). Holohloon lammaffaan, lak. 2 hiikuuf rakkisaa dha. Akkuma jirutti "cal jechuu hin qabu" kan jedhuu dha. Kana jechuun ta'uu kan danda'u

1. Halkaan hundaa ni kadhata (NKJV, REB)
2. Waaqayyoo cal jechuu isaa itti fufeera
3. Boqonnaa hin arganne (LXX, TEV, JPSOE)
   Kun shaakala Yesus itti fufee jiru kan argisiisu yoo ta'e, egaa halkan isa dhumaa bakka muduraa Geetasamaaneetti, hidhaamuu isaan dura kan qabu fooyya'aan wal sima (Mat. 26:36-46; Mariqos 14:32-42).

**22:3-5** faarfatichi Waaqayyoon ni ibsa akka

1. Qulqulluu (Far.99:9)
2. Galata Israa'eel irratti teessoo isaa irra kan jiru (jechuun, YHWH n qoochoo *Kirubeeliin* gidduu jiraata, gabatee kakuu isaa gararraa, qulqulluu qulqulluuta)
3. Abbootaan kan amaname
   A. Isaan ni kadhatan, innis isaan fayyise
   B. Isaan kan amanataniin, hin yeellanees (jechuun, fakkeenya seenaa qaba, YHWH tti amanuun

## MACAAFA FAARFANNAA: 22:6-8

**[6]Ani garuu raamoo dha, namas miti,**

**Namni na arrabsa, sabni na tuffata*.**

**[7]Warri na argan hundinuu anatti in ga'isu,**

**Isaan arraba anatti baasanii**

**Mataa anatti raasanii*,**

**[8]"Mee inni Waaqayyotti of haa gatu,**

**Inni immoo mee isa haa oolchu;**

**Isatti in gammada'o, mee isa haa furu!" anaan jedhu*."**

**22:6-8** 22:3-5 irraa kan ka'ee fi Waaqayyo isaatti akka amanan yoo godhe, gochawwan amanamummaa darbaniin, faarfattichi gargaarsi akka godhameef hin dhaga'amne.

1. Ofii isaa akka raammootti lakkaa'eera, lak. 6 (Iyoob 25:6; Isa. 41:14)
2. Isas namoonni itti qoosaniiru tuffataniirus, lak. 6B
3. Isa irratti qoosu, lak. 7 (Mat. 27:39; Mariqos 15:29)
4. Amantii isaa fi kadhata isaa irratti qoosaniiru, lak. 8
   A. Isaaf godhi ("maramaa" Far.37:5; Fak. 16:3) – BDB 164, KB 193, *Qal* IMPERATIVE jechaa (Mat. 27:43)
   B. Fayyisi – BDB 812, KB 930, *Piel* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole (Mat. 27:43)
   C. Isa fayyisi – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole

## MACAAFA FAARFANNAA: 22:9-10

**9Amma gadameessa haadha kootii keessaa situ na baase,**

**Harma haadha kootii irrattis situ nagaatti na eege;**

**10Ani dhalachuu kootii jalqabee sitti of gateera,**

**Erga haati koo na deesses situ Waaqayyo koo ti;**

**22:9-10** lakkoofsonni kun fakkeenyummaa nuuraa duraan kaayyoo murteefamee dha, tajaajilaa qajeelaa rakkina fudhatu.

1. Yeroo tokko tokkoo namni dhuunfaa (Masihiidhaan faayidaa irra kan oole, Isa. 42:1 irratti fi kan du'aniif Isa. 52:13-53:12)
2. Yeroo tokko tokkoo walitti qabama saba YHWH (Isa. 41:8-9; 42:18-19; 46:3; 49:1)

Kun qooqaa Kakuu Moofaati. Waaqayyoo Israa'eeliif kan inni qabu kayyoo oolchuu isaa ibsuudhaaf (mata-dure addaa ilaali, seensa faarfannaa 2 irratti). Faarfattichi kaayyoo karoora Waaqayyoo akka jiru amaneera, kanaaf Waaqayyo maaliif akka dhiise akka itti fakkaate hin galeef (2Qor. 5:12).

**22:10** lakkoofsi kun kan inni callaqqisiisu dhaloota yaad-rimee fudhatama kakuuti (jechuun, —). Warri Israa'eel kan isaan dhalatan saba kakuu irraa ture, ta'us, amantiin kakuu dhugaa fi abboomamuun amantii isaaniif odeefannoo jajjabinaa qabatamaa ture. Kanaaf Israa'eloonni baay'een dhugumatti saba kakuu hin ture (jechuun, wali galtee kakuutiif kan hin abboomamne, ejjummaa)!

**22:9**

| | |
|---|---|
| **NASB, REB** | **"na baase"** |
| **NKJV** | **"na baase"** |
| **NRSV** | **"na fudhate"** |
| **NJB, JPSOE** | **"na harkisee"** |
| **LXX** | **"na baase"** |

Keeyatni kun (BDB 161, KB 189) Kakuu Moofaatti kan raawwatame as qofati dha. Haali barreefamichaa miiraa wali galaa yoo nu kennees, hiiki sirriin sirri ta'uu dhiisuun isaa ni hafa. Ta'us, gochamichaaf hiiki wali galaa ifaa dha.

YHWH n jireenya namaa keessa ni seena, dhalachuun fuul dura illee (Iyoob 31:11; Far.139:19:13; Lalaba. 11:5; Erm. 1:5). Jireenyi kan jalqabamu Waaqayyoodhaan! Namoonnii kan uumaman isaafi isaanii dha.

## MACAAFA FAARFANNAA: 22:11-18

**11Kunoo, rakkinni dhi'aateera,**

**Tokko illees kan gargaaru hin jiru,**

**Ati ana irraa hin fagaatiin!**

**12Korommiin baay'een na naanna'an,**

**Korommiin biyya Baashaan**

**Warri jajjaboonnis na marsan;**

**13 Akka leenca isa waa cucuffatuuf isa aaduutti,**

**Isaan afaan isaanii bal'isanii anatti in banu;**

**[14]Ani akka bishaanii nan dhangala'e,**
**Lafeen koo hundinuus wal gad dhiise;**
**Onneen koos akka gagaa ana keessatti in baqe;**
**[15]Qoonqoon koo gogee na awwaara'e,**
**Arrabni koos laagaa kootti qabate;**
**Atis biyyoo du'aa keessa na ciibsita*.**
**[16]Warri akka saree adamsan ana in**
**Naanna'an, gareen warra hamaa godhaniis**
**Ana in marsan, harka koo fi miilla**
**Koos uranii in fullaasan*.**
**[17]Lafeen koo hundinuu**
**Lakka'amuu in danda'a,**
**Jarri immoo ana ilaalanii**
**Akkasitti na arguutti in gammadan.**
**[18]Isaan ufata koo in hirmaatan,**
**Wayyaa koottis muka in buufatan*.**

**22:11-18** kun kan inni ibsu rakkina faarfattichaa ciigoo nuuraati. Baay'een isaanii tarreefama ciigoo fi wal cinoonni Yesuusiin fudhachuu dhiisuu isaanii fi fannoodhaaf baay'ee karaa bilchaataa hin ta'iniin faayiidaa irra oolera.

**22:11 "Ana irraa hin fagaatiin"** gochamni kun (BDB 934, KB 1221, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole 22:19; Far.71:12) faayidaa irra kan oole dhi'ootti bifa namoomsuutiin, bifa fagaateen osoo hin taane. Faarfattichi qophummaan itti dhaga'aameera (kan na gaargaaruu in jiruuti," Isa. 63:5) dinoota isaa wajjin walitti ba'uuf (jechuun, sangoota, leencoota, saroota, sangoota bosonaa). Faallaa isaa hubadhu – rakkoon yoo itti dhi'aatu faarfattichi Waaqayyoo akka itti dhi'aatu barbaada!

**22:12-13, 16-18** dinoonni isaa ibsamaniiru.

1. Sangoonni itti marsaniiru, lak.
2. Leencoonni isa miidhaniiru, lak. 13 (jechuun, afaan isaanii baay'ee banan, innis ciigoo miidhaa hamaa kan ta'e)
3. Saroonni marsaniiru, lak. 16
4. Isaanis irratti xiyaafataniiru
5. Harkaa fi miila isaa mismaaraan rukkutaniiru (Yoha. 20:25; yaadannoo asi gadi jiru ilaali)
6. Isaani/lafee koo hundumaa lakkaa'uu danda'u (jechuun, (1) kakuu moofatti kana argisiisuu kan danda'u namni rakkina fudhate dha, gogaa fi lafeen qofti hanga hafuutti, (2)inni du'eera, bineensaan nyaatame, lafee isaa qofaa dha kan hafe yookaan (3)Kakuu Haaraatti kun kan inni argisiisu miila hattoota lammani tarreefama inni itti hidhameeti, du'a isaanii ariifachiisuuf fannoo irratti, Yesus yeroo kanatti du'ee ture)
7. Isaanis wayyaa isaa carraa itti buufachuudhaan qoqoodatan (Mat. 27:35; Luqaas 23:34; Yohannis 19:24)

**22:14-15** kun qooqa Fakiiduuti. Waabii sirrii eeree baasuun hin danda'amu, ta'us garuu eda'amni bu'aa isaanii guutuu guutuutti nama hin jajjabeefamnee dha

1. Callisuu wali galaa YHWH tiin, ammam illee faarfattichi halkanii fi guyyaa yoo bo'ees/yoo carraaqees
2. Karaa hundaan dinoonni isaa hamoon argamuu isaanii
3. Fakkeenyummaan nuuraa kan inni eeru mallattoo dhukkubaa fakkaata (Isa. 52:14) yookaan du'aan dura kan ta'ee adeemsa tortoruu qaamaa (jechuun, "lafeewwan kan tattamsa'an" BDB 825, KB 962)

Kan of jajuu, kan hamatu, miira ajaa'ibsiisaan kakuu duuka buutuu amanamaa!

**22:15**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **RSV, LXX** | **"humna"** |
| **NRSV, NJB** | |
| **REB** | **"afaan"** |
| **TEV** | **"qoonqoo"** |
| **JPSOE,** | **"humna"** |

pirojectiin barreefamaa UBS MTiif "humna koo " (כחי ) sadarkaa "A" kenna (carraa olaanaa ta'uu). REB NJB,TEV -, fi dubbifamoota garagalchoo isaan godha, "qoonqoo" koo uumuudhaaf (חכי KB 313, Iyoob 12:11; 20:13; Far.119:103; 137:6; Far.Erm. 4:4 Hiz. 3:26).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"qaaruu"** |
| **NRSV** | **"foon ilkaanii"** |
| **REB** | **"qaauu"** |
| **TEV** | **"qaaruu"** |
| **JPSOE** | **"qoonqoo"** |
| **LXX** | **"qoonqoo"** |

Jechi Ibirootaa kun (BDB 544 II, KB 594) as qofatti dha Kakuu Moofaatti kan inni uumamu. Kanaaf, akkaataan haala barreefamichaa, wal cinummaan isaa, fi hundee walitti dhufan hiiktootaaf hiika ta'uu qabu kennuutu irra jira. Ta'us garuu adaraa keessan hubadhaa, hiiki sirriin kanaa yoo beeku baannees, miirri walii gala lakkoofsichaa ifaa dha.

**22:15 "Gara ciracha du'aatis gadi na buuse."** "Ati" asitti kan inni argisiisu YHWH dha. YHWH (jechuun, ka'umsa qofaan isaa, hawwaan) faarfattichi du'a akka argu eyyame (jechuun, gochama hin xumuramne, Far.104:29). Kunis hubannaa Kakuu Haaraa wajjin wal sima, Yesus irraa kan jijjiraa rakkinaa, kan jijjiiraa du'aa, nuun bakka buuse, bu'uura eyyama YHWH irraa (Luq. 22:28, Hoe. 2:23; 3:18; 4:28;1Phex. 1:20).

Yesuus kan inni foon uffateef kaayyoowwan baay'eedhaaf.

1. Abbaa guutuumaatti mul'isuuf
2. Karoora oolchuu isaati guutuummaati beeksisuuf (jechuun, Wangeela)
3. Iddoo keenya du'uudhaaf, cubbuu keenyaaf
4. Namootni maaliif uumamani akka turan nutti argisiisuuf

Kun kallatiidhaan kan hin taane barreefama Kakuu Moofaa hiikuudhaaf wanta isa guddaa dha, seenaa isaa guutuu guutuutti hubachuun kan danda'amu Yesusiin Masihii qofani!

**22:16**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **REB** | **“mismaaraan na rukkutan”** |
| **NRSV** | **“cooliguu” (hundee Akaadiyaan)** |
| **TEV** | **“tarsaasuu”** |
| **LXX** | **“waraanuu” yookaan “qotuu”** |
| **NJB, NEB** | **“muruu”** |
| **JPSOE (cf. Isa. 38:13)** | **“akka leencootaa (isaan na madeessan, lak. 13)”** |
| **REB yaadannoo miila jalaa)** | **“hidhuu”** |

**Kitaaba qulqulluu TEV “akka leencaatti lolu”**

Lakkoofsi kun kallaattiidhaan hin ibsamne, wangeela Kakuu Haaraatti, fannifamu Yesuus wajjin kan wal qabate. Baay’een isaanii lakkoofsota faarfannaa kanaa garuu eeramaniiru. Gaaffiin sirriin kan inni ta’u, “Ibirichi maal jedhaa”?

1. Pirojektii barreefamaa UBS “akka leencaa” kan jedhu (,כארBDB 71) sadarkaa “B” laata.
2. “Qotuu,” “meesuu” yookaan “waraanuu” kan jedhu kan dhufee כור irraati, BDB 468 II (As qofatti kan inni argamu).
3. “Hidhuu” yookiin “xiqqoo hidhuu” kan inni dhufees hiika Girikii irraati, Aqiilaa irraa, Jeroom irraa hiika Laatiini, fi lammaanuu irraa kan Ibirootaa MMS (*yaadannoo kitaabaa UBS*, fuula 221). Isaan kan isaan tilmaaman hundee כור akka ta’ee dha, BDB 501, KB 497, ta’us garuu isaaf Kakuu Moofaan fakkeenyoota hin qabu.
4. Yaadannoo fooyya’aa ogeessummaa Gleason Archer’s *Encyclopedia of Bible Difficulties* fuula 37 irratti. Yaadni loluu kun yeroo hundumaa kan inni argisiisuu du’ii hamaan kan godhamu billaadhaan yookiin meeshaa lolaatiin kan godhamu irratti loloodhaan (hundeen adda addaa baay’een, garuu kan raajiiwwan faayidawwan).
1. Zak. 12:10 –BDB 201, KB 230 (Yohannis 19:37; Mul. 1:7)
2. Isa. 53:5 – BDB 319, KB 320

Saamichi isaa (jechuun, darbee darbuun isaa, Kakuu Moofaatti as qofatti qofa ta’uu isaa) kan sagalee kanaa, bifa Kakuu Moofaatiini fi bifa Kakuu Haaraatiin akka hojjetamu dandeesiseera. Faarfannaan kun yeroo isaatti hiika qabachuutu irra jira, ta’us garuu aarsa jijjiraa Kristoos kan darbe tuqoota ta’uun ifa dha (jechuun, harka isaa fi miila isaa mismaaraan rukkutan). Barreefamootni Kakuu Moofaa guutummaan hiika gara ifaatti kan dhufan Kristoos qofaan (jechuun, rammaddii guddaa yookaan raajii kallatiin). Ani akkan yaaduutti Yesuus ofii isaati barreefamoota kana waa’ee rakkina isaa fi du’aa ka’uu isaa kan argisiise, karaawwan Imaa’os lammanuuf (Luqaas 24:13-43) isaaniis abba mana dacha kan turan kan isaan waliin dubbatan. Isa booda inni isaaniitti mul’atee harka isaa fi miila isaa isaanitti argisiise (Luqaas 24:36-43).

**22:14-15, 17** lakkoofsonni kun kan isaan ibsan/miidhaa kan fudhatu barreessaa dhaga’uu dha.

1. Akka bishaanittiin dhangala’e
2. Lafeen koo hunduu gargar ba’an (jechuun, kun isa tokkooffaa bu’aa fannifamuuti)
3. Lapheen koo akka maqaa ta’e
4. Humni koo (yookaan “qoonqoon koo”) na goge (kun walitti dhufuu kan danda’u Yesus jecha isaa dhumaa irraa dura kan inni fudhatee hadhooftuu dha, Mat. 27:48; Mariqos 15:36; Yohaannis 19:29)

Lak. 17 lak. 14B wajjin akkamitti yookaan akka walitti dhufuu akkasumatti amansiisuummaa hin qabu. Ilaalaa kan jiru kaayyoo hafuura qulqulluuf dhiibbuu irraa of eeggadhaa, barreessaan Kakuu Haaraa yaada hafuuraan liqimfamee hanga hin hojjetamneetti!

**22:16 “Wal gahii hamootaa”** “wal gahi” jechi jedhu (BDB 417) walitti qabama hiikaa yookiin tokkummaa dha. Jecha adda ta’een faayidaa irra ooleera (BDB 874) yaad-rimee wal fakkaataa ta’e, lak. 22 fi 25 irratti. Walitti qabama kana lamaan gidduutti faallaa akkamitu jira.

1. Namootni hamoon kaayyoo hamaadhaaf walitti qabamu
2. Namoonni gaariin immoo dhuga-batii fi kaayyoo waaqeffannaadhaaf walitti qabamu (Far.1:5)

Garee eenyuu ta’uu siif wayya?

**22:18** Kakuu Moofaatti kun argisiisuu kan inni danda’u miidhaa lolaatiin, warra mo’aaniif! Wal cinni kamuu kan Kakuu Moofaa dubbifamni jiraachuu dhiisuu hubadhu. Kakuu Haaraatti inni kan inni argisiisu loltoota Roomaaf, isaaniis fannoo isaa kan raawwatan qabeenya isa badii dalageef akka kaffalaniif isaaniif eyyamameera, akka kaffalti hojii yeroo bilisaatti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 22:19-21

**19 Ati garuu yaa Waaqayyoo ko, anattii hin fagaatin,**

**Yaa aangoo ko, ana gargaaruuf ariifadhu!**

**20 Jireenya koo billaa anaaf oolchi, lubbuu tokkittii ani qabus**

**Qabaa warra akka sarootaa kana keessaa baasi!**

**21 Afaan leencaa na oolchi, akka deebii kadhata koottis**

**Gaanfa gafarsaa jalaa na baasi*!**

**22:19-21** lakkoofsi 19 lakkoofsa 11 wajjin walitti dhufa. Dhiibbaan isaa (yaadannoo kanaa gadi jiru ilaali) gaaffiillee xiyyaafamoo sadii itti fufa.

1. Ana na gargaaruudhaaf ariifadhu – BDB 301, KB 300, *Qal* IMPERATIVE, Far.38:22; 70:1, 5; 71:12; 141:1
2. Lubbuu ko fayyissi – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Na fayyissi – BDB 446; KB 44:8, *Hiphil* IMPERATIVE

Buusaan kun kan ittiin cufamu “Naa deebbisi” kan jedhuun, gochama *Qal* PERFECT (BDB 772, KB 851) kan inni argisiisuus faarfattichi gara kutannootti dhufuu isaati, YHWH n akka isaaf deebisu (Far.34:4; 118:5; 120:1).

Faarfattichi akkamitti dinoota isaa akka fakkii kaasee ilaali.

1. Billaa (jechuun, “waraanuu” tarii sareen cininamuu ta’uu danda’a, lak. 16)
2. Qeensa sarootaa (bar’uu) (Lk. 16)
3. Afaan leencootaa (lak. 13; 35:17)
4. Gaanfa gafarsaa (fakkeenyummaa humnaa, Iyoob 39:9-10)

**22:19 “Hin fagaatiin”** 22:11 irra yaadannoo jiru ilaali.

**22:20 “Billaa irraa”** faarfattichi rakkina akkamii/dhiphina/dinootni sirritti akka itti dhufan beekuudhaaf rakkisaa dha.

1. dhukkuba
2. hameenya
3. marfamuu

Jireenya Yesus wajjin baayi’naan wal qabachuu isaa irraa kan ka’e, anatti kan fakkaatu “Billaa” qooqa fakkiiduuti (Far.37:12-15).

## MACAAFA FAARFANNAA:22:22-24

**[22]Ani immoo maqaa kee obboloota kootti nan labsa,**

**Walga'ii keessattis sin jajadha*!**

**[23] Isin warri Waaqayyoon sodattan, isa jajjadhaa*!**

**Isin sanyiin Yaaqoob, isaaf ulfina kennaa!**

**Isin sanyiin Israa'eel, isaaf, safuu buufadhaa!**

**[24]Inni nama gad qabamaa hin**

**Tuffanne, gad qabamuu isaatiinis maal dhibdi hin jenne;**

**Yeroo inni gadi qabamaan**

**Gara isaatti iyye in dhaga'eef malee,**

**Inni fuula isaa isa duraa hin dhoksine*.**

**22:22-24** buusaan kun lakk. 25-31 wajjin wal irra ta'a. Lammanuu kan isaan dubbatan waa'ee dhuga-ba'umsaatii fi waa'ee YHWH galateeffachuuti, yoomessa waaqefanaan (jechuun, wal ga'ii, lak. 22; wal ga'ii guddaa, lak. 25). Garaagarummaan isaa amma gargaarsaati.

1. Lak. 22-24 –miidhaan kan irra ga'e
2. Lak. 25-31 –Addunyaa

**22:22** gochamoota CHOHERETIVE lama qabu

1. Nan dubbadha –BDB 707, KB 765, *Piel* CHOHERETIVE
2. Nan galateeffadha – BDB 237, KB 248, Peeyiil IMPERFECT bifaa CHOHERETIVE faayidaa irra kan oole

**22:23** wal cinawwan hubadhu.

1. Isin gooftaa kan sodaattan
2. Isin sanyiin Yaaqoob (sanyii)
3. Sanyii Israa'el

Isaaniis kan isaan godhan

1. Akka gallateefatan –BDB 237, KB 248, *Piel* IMPERATIVE
2. Akka ulfeessan –BDB 457, KB 455, *Piel* IMPERATIVE
3. Fuula isaa dura sodaadhaan akka dhaabbatan –-BDB 158, KB 185, xiyyaafannoo jechaa

**22:24** YHWH galateeffachuuf, ulfeessuu, fi sodaachuuf sababooni

1. Inni hin tuffatu (BDB 102, KB 117, jecha *Qal* PERFECTY) kan qabame
2. Inni hin tuffatu (BDB 1055, KB 1646, *Piel* PERFECT) kan gadi qabame
3. Inni fuula isaa in dhoksuu (BDB 711, KB 771, *Hiphil* PERFECT) kan gadi qabame
4. Inni gadi qabamee gaargaarsaas yeroo iyyu, ni dhaga'a (BDB 1033, KB 1570, *Qal* PERFECT)

Faarfattichi amma dhaga'ameeraaf, YHWH n dhaga'eera, gargaarsaaf iyyuu isaa, fi deebii kennaaf (lak. 21, 22-24). Kun kan lakk. 1-2, 8, 11, 19 kan galagalchooti.

## MACAAFA FAARFANNAA :22:25-31

**[25] Walga'ii guddaa keessatti si jajachuun koo**

**Si biraa anaaf in dhufa;**
**Warra isa sodaatan durattis,**
**Ani wareega koo of irraa nan baasa*.**
**26 Warri gadadamoonni nyaatanii in quufu,**
**Warri Waaqayyoon barbaadanis isa in jajatu;**
**Baruma baraanis garaan keessan gammadee haa jiraatu*!**
**27 Andaarri lafaa hundinuu in yaadata,**
**Gara Waaqayyoottis in deebi'a;**
**Qomoon saba hundumaas**
**Fuula isaa duratti in sagada.**
**28 Mootummaan kan Waaqayyoo waan ta'eef,**
**Inni saba hundumaa in seerrata;**
**29 Eeyyee warri quufoon lafa kana**
**Irraa hundinuu isaaf in sagadu,**
**Warri biyyootti gadi deebi'an hundinuu,**
**Inni jireenyatti of hambisuu hin**
**Dandeenyes isa duratti in gugguufu;**
**30 Dhaloonni dhufu isaaf in hojjeta,**
**Namoonni 'dhaloota dhufutti**
**Waa'ee gooftaa in himu;**
**31 Isaanis dhufanii qajeelummaa**
**Isaa isa fayyisu, saba si'achi**
**Dhalatutti in labsu; kanas isatu godhe.**

**22:25-31** Yoomessi isaa yoomessa waaqefannaati, tarii godoo bultii/mana qulqullummaa (jechuun, "Waadaa raawwachuu" fi "nyaatanii quufuu"). Waaqefatoonni akka "gadi qabamanitti" dha kan fudhatan (BDB 776) lak. 24 irraa. Isaanis kan isaan ta'an

1. YHWH kan barbaadan, lak. 26– BDB 205, KB 233, *Qal* PARTCIPLE
2. YHWH kan galateefatan, lak. 26 –BDB 237, KB 248, *Piel* IMPERFECT

**22:26 "Baruma baranis lapheen isaanii akkuma sana ta'a"** gochamni kun (BDB 310, KB 309, j *Qal* JUSSIVE) kan inni calaqqisiisu ciigoo baratamee dha, mootii Israa'eelii/Yihuudaaf faayidaa irra kan oole. Faarfatichi mootii dha. Jijjiramni kan jiru fakkaata, lak. 28-31, Waaqa kakuutii fi bakka bu'aa mootii isaa gidduu (jechuun, Masihi, 2Sam. 7:1-17).

**22:27** xiyyaafannaan isaa hunduu kan sodaachisuu fi dogogorra kan hoin qabnee dha.

1. Daangaan lafaa hunduu (Isa. 45:22; 49:6; 52:10; 66:23; Erm. 16:19; Miki'as 5:4)
2. Firoota warra ormaa (Uma. 12:3; HoE. 3:25; Gala. 3:8)

Warri ormootni maal akka godhan hubadhaa.

1. YHWH  yaadatu – BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERFECT
2. Gara Yaahiwwetti deebi'u – BDB 996, KB 1427,  *Qal* IMPERFECT (gochamni kun yeroo hundaa faayidaa irra kan oolu qalbii jijjirannaadhaaf)
3. Fuula keeti/fuula isaatti ni sagadu —-BDB 1005; KB 295, *Hishtaphel/Hithpalel* IMPERFECT, Far.66:4; 86:9

**22:28** mirkaneeffannaan hunduu sababni kennameeraaf. Kun yeroo hundumaa fedha YHWH ti. Innis Uma. 1:26-27 tokkummaa ifaa dha, akkasuma cimsa tokkummaa hafuuraa!

1. Mootummaa YHWH  (Far. 47:7-9; 67:4; Abdi. Lak. 21; Zak. 14:9)
2. Inni warra ormoota bita (Far.47:8; 1Sen. 16:31)

**22:29**  lakkoofsi kun hiikuudhaaf rakkisaa dha. Akkuma jirutti ta'uu kan danda'u

"Humna isaanii guutuudhaan kan ta'an nyaatanii fuula isaa duratti ni sagadu,

Gara lafatti kan bu'an hunduu fuula isaatti in sagadu" (JPSOE)

Dhiibbaan ifaa ta'e jira, sooressaa fi hiyyeessa/kan du'an gidduutti. Yaad-rimeen lakkoofsichaa eenyuun yoo ta'e iyyuu, bakka kamittuu YHWH /Masihii waaqeafata. Kana caalaa deemuu ni dandeenya, lakkoofsi kun waa'eee jireenya booddee barsiisuu argisiisuuf? Kakuu Haaraatti faarfannaa kana fayyadamuun, du'a Yesuus akka argisiisu, ta'u danda'a (Luqaas 23:39-43).

Inni tokko dinqisiifachuu danda'a, lak. 29 B Fil. 2:10 wajjin walitti dhufeenya tokko qaba. Kakuu Haaraa mirkaneessa, guyyaa tokkoo jilbi hunduu akka jilbeefatu.

1. Kan badan
2. Kan fayyan

Kun firdii irratti jilbeefachuu kan badaniif gocha amantii miti, ta'us garuu firdii haqaatiif beekamtii kennuu dha malee.

▣

**NASB, NKJV      "lubbuun isaa jireenyatti tursuu yoo danda'e illee"**
**NRSV      "ani isaaf nan jiraadha"**
**NJB      "kan du'aniif isaan"**
**TEV      "ani garuu sababa isaan nan jiraadha"**

MT NSB calaqqisiiseera, jechuun pirojectii barreefamaa UBS sadarkaa "C" kenna (shakkii sababaa). LXX NRSV calaqqisiiseera, kunis kan dubbifamoota lammanii fooyyeessuuf kan of keessatti qabate.

MT – חיה לא וש ונפ

LXX – חיה ילש ונפ

**22:30-31** Amantii haaraa sanyi/maatii/sanyi ni dhufa, tibba rakkinaa hamaa. Isaanis rakkina kan fudhate tajaajilu, qajeellummaa isaas labsu (jechuun, qulqullummaa)!

**22:31**

**NASB      "innis ni hojjete"**
**NKJV      "inni kana hojjete"**
**NRSV      "inni hojjetee"**
**TEV      "Waaqayyo saba isaa fayyise"**
**NJB      "innis ni raawwate**
**LXX, JPSOE**

**REB "Waaqayyo ni hojjete"**

Gochama (BDB 793, KB 889, *Qal* PERFECT) kan dubbatamu waa'ee gocha raawwatameeti (1Sam. 26:25; Dan. 8:24). Haala fayyadama Kakuu Haaraatiin kun kan inni argisiisu waa'ee oolfamuu mucaa namaati, Qaraaniyoo irratti (Rom. 5:12-21), ragaa fi mirkanneefannaa ta'eera hawaala duwwaatti (1Qor. 15:1-28)!

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Raajiin faarfannaa kanaa, ramaddii guddaa yookaan raajii abbaa raawwii baay'ee?
2. Faarfannaa kanaa fi du'a Yesus gidduu kan jiruu walitti hufeenya yaadamu tarreessi?
3. Faarfattichi diinota isaa maqaa bineensota baay'eetti isaan waameera. Isaan tarreessi.
4. "Kan inni lole" jechi jechu, lak. 6 irratti shakkii kan qabu maaliif?
5. Lak. 22 irratti kan jiru jijjirama haala ibsi.
6. Lak. 27-29 akkaata hafuuraatiin baay'ee bu'a qabeessa kan ta'an maaliif?

# FAARFANNAA 23

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gooftaa; tiksituu faarfatichaa | Gooftaan tiksee saba isaa | Ibsa Eegumsa Waaqayyoo irratti amanachuu (faarsaa amantii) | Gooftaan tiksee keenya | Tikisee gaaarii |
| <u>Seensa MT kan qabu</u> | | | | |
| Faarsaa Daawiit 23:1-3 | 23:1-3 | 23:1-3 | 23:1-4 | 23:1-2a |
| | | | | 23:2b-3 |
| 23:4-6 | 23:4 | 23:4 | | 23:4 |
| | 23:5-6 | 23:5-6 | 23:5-6 | 23:5 |
| | | | | 23:6 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun dubbifama baay'ee beekamaa dha, kitaaba qulqulluudhaan, walummaa galatti nama, kan biraan Yohaannis 3:16 yookaan "boqonnaa jaalalaa" 1Qor. 13.
Kibaani qulqulluun kun bara–ti. Kan duuka buutuu amanamaa. Xiyaafannoon isaa YHWH fi argamuu isaati, kunuunsaa fi kennuu isaa irratti dha!

B. Inni fakiiduu aadaa adda addaa sadi fayyadama, amantii kitaaba qulqulluudhi'eenya kallattii nama dhuunfaa ibsuuf (jechuun, "ana," "Anaan," "kan koo").
   1. Waaqayyo akka tiksee, saba isaa akka hoolota rakkatootti, Far.23:1-2
   2. Waaqayyo akka geggeessaa, saba isaa akka amantoota rakkatootti, lak. 3-4
   3. Waaqayyo akka hafeeraatti, saba isaas akka keessumoota hafeeramaniitti, lak. 5-6

C. Faarfannaan kun IMPERFECT kudhan qaba (gochawwan adeemsa irra jiran) gochamawwan. Waaqayyo yeroo hundumaa ni jiraata, yeroo jequumsaatti qofa osoo hin taane. Kun tuqaa wal bira qabuu Kakuu Moofaati, kan Mat. 6:11.
   1. Homaa hin dhabu –BDB 341, KB 338, alta'aa IMPERFECT Far.34:9, 10
   2. Na boqochiisa –BDB 918, KB 1181, Hifil IMPERFECT
   3. Na geggeessa – BDB 624, KB 675, Peyil IMPERFECT
   4. Lubbuu koo natti deebbise – BB 996, KB 1427, Polel IMPERFECT Far.19:7
   5. Na geggeessa – BDB 634, KB 685, Hifil IMPERFECT Far.5:8; 31:3
   6. Bowwaa dukkana keessa yoon darbe illee– BDB 229, KB 246, IMPERFECT
   7. Hamaa hin sodaadhu –BDB 431, KB 432, faarfannaa hin xumuramne27:1
   8. Isaan (jechuun, ulee fi dhaabbata" na jajjabeessu– BDB 636, KB 688, Peyil IMPERFECT
   9. Fuula koo duratti maaddii anaaf qopheesseera– BDB 789, KB 884, IMPERFECT
   10. Gaaruumaan kee fi arjummaan kee ana duukaa in bu'u– BDB 922, KB 1191, IMPERFECT
   11. Nan jiraadha/nan boqodha –BDB 996, KB 1427, PERFECT waawu irraa, Far.27:4-6

D. Kitaaba *UBS Handbook* (fuula 230) akka galmeefame Faarfannaan kun wal qixa wal fakkaataa hin qabu. Hanga hololoo dubbi dacha hin qaban (jechuun, dheerina wal fakkaataa). Inni kan jecha walitti qabaa caafii isa olka'aa dha. Gabaabini isaa mirkanneefannaa ergichaa fi humna isaa argisiisa!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 23:1-3

**1 Waaqayyo tiksee kooti, ani homaa hin dhabu*!**

**2 Inni marga lalisaa keessa akkan boqodhu in godha,**

**Gara laga itti haara galfataniitisna geessa*;**

**3 Inni lubbuu anatti in deebisa, maqaa isaatiif jedhee daandii**

**Qajeela irra na geggeessa.**

**23:1** bantuun hololoo akkuma jirutti (Tikseen koo YHWH dha" kan jedhuu dha. Qophaa isaa keeyata gochama raawwiiti (BDB 944, KB 1258). YHWH n akka tiksee kan ta'ee yaad-rimeen maqaa waamichaa mootii ture, faayidaadhaan (baha dhi'oo durii) (jechuun, Hamuraabi).

Kakuu Moofaatti inni faayida irra kan inni oole miirri

1. Labsiidhaaf –-Far.78:52; Hiz. 34:11-13
2. Maqaa kakuu – Far.80:1
3. Fakiiduu – Isa. 40:11;Erm. 31:10
4. Masihiin akka tikseetti – Yohannis 10:11; 1Phex. 2:25

Innis nuura guddaa dha, sababni isaa

1. Argamuu dhi'oo fi itti fufeenya qabu, tiksichii hoolota isaa wajjin
2. Hoolotni waan isaan barbaachisuu, yeroo hundaa kan jiraatu, kunuunsaa fi eegaa

▣ **"Kan na dhabsiisu hin jiru"** gaaleen salphaan kun garuu kan walii galaati. Innis tokkoon tokkoon fedhi yookaan hawwii hindanda'u. inni kan ibsuu Holootaaf waan isaan barbaachiisu gaarii kan ta'edha. Waaqayyo namoota kufan gochuu kan danda'an waan hamaa , kan of jaallachuu, kan kaayyoo gaaffiif deebii kennuu dha. Tikseen keenya nuuf baay'ee gaarii kan ta'e nuuf godha nuuf kennas!

**23:2** lakkoofsi kun, lakkoofsa 1 kan ibsuu dha. Tiksichi nii beeka, hoolota kan isaan barbaachisu

1. Boqonnaa
2. Nyaata
3. Bishaan

Innis isaan kana ni kenna, karaawwan hoolotni fudhachuu ittiin danda'an (jechuun, nyaata ta'uu qabu, bishaan akka salphaatti akka dhugan). Qophaa keenya miti (Far.139)! Jireenya keenyaaf kaayyoon jira, addunyaa kufeettillee yoo ta'e. kana jechuun garuu dhiphinna-malee, rakkina malee shaakala jireenyaa ta'a kan jedhu tokkummaa hin qabu. Inni kan inni mirkaneessu inni nu wajjin, fi nuuf ta'uu isaati dha(1Qor. 10:13).

**23:3 "Lubbuu koo deebise"** lakkoofsi kun haala mucaa namaa kufee kan argisiisuu fi beekamtii kan kennuu dha (Isa. 53:6). "Deebi'uu" ni barbaana. Gochamni kun (BDB 996, KB 1427) gochama barbaachiisaa dha, waa'ee "qalbi-jijjirannaa" faayida irra kan oole, mata-duree addaa ilaali 7:12. Gochi wal fakkaataan kun lak. 6 irratti faayidaa irra oolera, gara godoo iddoo bultii/mana qulqullummaa waa'ee deebisu, qabeenya bara jireenyaa. Duuka buutota amananmmoo, hafuura Waaqayyootiin kan daddamaqan, matayyummaa irraa fi cubbuu irraa deebi'uutu isaan irra jiraata, gara Waaqayyooti. Fayyina kitaaba qulqulluu

1. Kufaattii irraa deebi'uu
2. Tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabnutti deebi'uu
3. Cubbuu bekamaa irraa deebi'uu fi dhiifama cubbuu hin beekamne (Far.19:12-14)
4. Gara Waaqayyootti kaayyoodhaaf deebi'uu (jechuun, tokkummaan, abbomamuudhaan, fi waaqefannaadhaan, 23:3b)

"Lubbuu" kan jedhu jechi Ibirootaa *Nefesh* (BDB 659, KB 711, yaadannoo ilaali Far.3:2 irratti) argisiisuu kan inni danda'u

1. Ijoollee namaa – Uma. 2:7
2. Bineensota – Uma. 1:24; 2:19

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"karaa tolaa"** |
| **NRSV, NJB** | |
| **JPSOE, REB** | **"karaa qajeelaa"** |
| **NJB** | **"karaa abbaa firdii"** |

Haala akkataa barreefamichaan kan inni argisiisu karaawwan amansiisoo dha, gara nyaataa fi bishaaniitti kan geggeessu. "Qajeelaa" yookaan "kan tolaa" jechi jedhu (BDB 841, mata-duree addaa ilaali Far.1:5 irratti) bu'uuruma irraa inni naamuusa, kallattii safuu qaba, kanaaf dhugummatti asitti argisiisa (Efe. 1:4; 2:10). Waaqayoon beekuu jechuun abboomamuudhaan jiraachuu dha, heyyama isaaf mul'ataeef. Tokkummaan kun irra deebiin cimeera, lak. 3 gaalee gara dhumaa , "maqaa isaaf jedhee" (mata-dure addaa ilaali Far.5:11-12 irratti). Inni "ni geggeessa", kanaaf isaaf "Kan jiraatu." Nuyi akka duuka buutota amanammooti isa ni mul'ifna! Inni nu fayyiseera, kan biro fayyisuuf. Kan fayyee tajaajiluuf!

"Maqaa isaaf jedhee," gaaleen jedhu Far.25:11; 313; 79:9; 109:21; 143:11 ilaali. Kan nu jiraannuuf amalaa fi kaayyoo isaa mul'isuuf. Israa'eel guyyaa guyyaatti hin raawwanne (**Erm**. 14:21; Hiz. 20:9, 14, 22; 36:22-38).

## MACAAFA FAARFANNAA: 23:4-6

**4 Ani bowwaa dukkanaa'aa sodaachisaa keessa yoon**

**Adeeme iyyuu, hamaan anatti dhufa jedhee**

**Hin sodaadhu; ati ana wajjin jirta,**

**Uleen keetii fi dhaabanni kee ana in jajjabeessu.***

**5 Utuma warri na cunqursan ilaalanii,**

**Ati maaddii anaaf in dhi'eessita**

**Mataa koos dadhaa ejersaa in dibda,**

**Xoofoon koos guutee irra in dhangala'a*;**

**6 Eeyyee, bara jireenya koo hundumaatti**

**Gaarummaan kee fi arjummaan**

> **Kee ana duukaa in bu'u;**
>
> **Guyyoota kana hundumaafis**
>
> **Mana Waaqayyo keessa nan jiraadha*.**

**23:4**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"bowwaa gadiiduu du'aa"** |
| **NRSV** | **"bowwaa dukkanaa"** |
| **NIV** | **"dukana boolla gadi fagoo"** |
| **NJB** | **"akka du'a bowwaa dukanaa"** |
| **LXX** | **"gaaddidu du'aa"** |
| **JPSOE, REB** | **"dukana bowwaa boolla gadi fagoo "** |

Caasefamni kun kan "bowwaa" (BDB 161) fi "dukana," "gaadiduu guddaa" dha (BDB 853). Beektoonni baay'een kan isaan yaadan צלמות irraa fi מות dhufuu isaati.

1. Gaadiduu, duumessa, dukana – BDB 853, KB 1024
2. Du'a, du'uu – BDB 560, KB 563

Innis yeroo kudha sadeet Kakuu Moofaatti faayidaa irra oolera (yeroo kudhan immoo Iyoob irratti)

1. Du'a –Iyoob 10:21, 22; 38:17, Far.107:10,14
2. Rakkina – Iyoob 16:16; 24:17, Far.44:20
3. Yeroo hundumaa akkaata haala barreefaman faallaa ifaa – Iyoob 3:5; 12:22; 24:17; 28:3; 34:22; Erm. 13:16; Amos 5:8

Innis fakkeenyummaadhaaf sodaachisaa, rakkisaa, fi shaakala du'aatiin faayidaa irra oolera, nama kufeef, addunyaa kufe keessatti. Jireenyi sodaachiisaa dha, Waaqayyo garuu nu wajjin jira (23:4B, C, kes. 31:6, 8; Mat. 28:20; 2Qor. 4:9; Ibr. 13:5).

▣ **"Sodaa –jajjabaachuu"** faallaa akkamiiti! Warra amanatan rakkinni isaan mudata, amanachuun, Waaqayyo isaan wajjin sababa ta'uuf (jechuun, ulee fi dhaabbata tiksee wajjin fakkeenyummaa kan ta'e, meeshaa eegumsa isaa fi kunuunsa isaati).

Rakkinonni ni dhufu! Raawwanne qofaa keenya hin dhiibnu! Raawwatee! Inni raawwatee nu hin gadhiisu yookaan nu hin dhiisu (Kes. 31:6; Iya. 1:5; Ibr. 13:5).

**23:5** Waaqayyoo nu irraa fi nuuf ta'uu isaa qofa miti, ni nuuf dhorka, nu miidhuuf warra jiran duratti. Simannaa keessummaa aadaa jaalala Waaqayyoo isa irraa hafaa argisiisuuf faayidaa irra ooleera.

1. Maaddii qopheessuu
2. Dibata dibuu
3. Jaalala irraa hafaa

▣ **"Kan irraa hafe"** kun jecha darbee darbeeti 9BDB 924, "kan guute") as qofatti duwwaadha Kakuu Moofaatti kan argamu. Faarfannaa 66:12 "Bakka irraa hafaa" kan jedhu qaba (muraasaan qubee adda ta'an) . LXX isa kan hiiku "Xoofoon kee na gammachiisa, akka wayinii gaarii" yookaan "Xoofoon kee baay'ee na gammachiisa" kan jedhuu dha. Innis yaada isaa "Guutuu" irraa ifatti kan fudhate, akka "Gammaduuu."

**23:6 "Arjummaa"** gochamni isaa (BDB 337), addeessa (BDB 373 II), fi maqaa (BDB 375 III) hunduu kan isaan ibsan "Gaarii," "kan nama gammachiisu," "kan fayyadu" dha. Isaanis faarfannaa, fakkeenya, fi lallaba irratti baay'inaan faayidaa irra oolera. Waaqayyo saba kakuu isaati gochuu kan inni barbaadu isa kana dha (jechuun, Kes. 30:9, 15).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"arjummaa"** |
| **NKJV, NRSV** | **"araara"** |
| **TEV** | **"jaalala"** |

**NJB** **“jaalala amanamaa”**
**JPSOE** **“jaalala dhiphisaa”**
**REB** **“jaalala hin kufne”**

Kun kakuu addaati, MAQAA *hesed* (BDB 338), innis kan inni eeruu kan YHWH kan amanate, kan nuuf ta’uu, amanamummaa kakuuti (mata-duree addaa ilaali Far.5:7 irratti). Amanamummaan kakuu guutuummaatti baay’ee ajaa’ibsiisaa dha, waan Israa’eel abbomamuu dhiiseef (Nah. 9:6-38).

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV,** **“duukkaa bu’u”**
**TEV** **“anaa wajjin ta’u”**
**NJB, LXX,**
**JPSOE,** **“duukkaa bu’uu”**

Gochamni kun (BDB 922, KB 1191, *Qal* IMPERFECT) “duuka bu’uu” irraa miira jabaa ta’e qaba. Inni kan inni eeru gocha deggeraa damaqaati. Mee yaadaa, kakuun jaalala Waaqayyo warra Israa’eel yoo ari’u. inni kan inni ta’u

1. Jecha loltuu
2. Jecha adamsaa
3. Jecha murtoo

Dhaabbadhu! Gara boodaatti gala gali! Eenyu akka si ari’atu ilaali, eeyye si’i!

▣ Akkaata yaada barreefamaa Kakuu Moofaa kanatti hololoon inni dhumaa jireenya bara baraa kan eeru miti (kan biroon barreefamicha eeru, Mul. 21:3-7; 22:1-5) ta’u garuu gaarummaa jireenya kakuu (Kes. 30:3, 15, 19). Kunis jireenya guyyaa guyaatti kan jiraatuu dha, kanaaf godoo bultii dhaabbataa/ waaqefannaa mana qulqullummaa.

Gochamichi (BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERFECT wahu wajjin) eeruu kan danda’u

1. Wali wajjin taa’uu (kan warra durii)
2. Deebisuu (warra Ibirootaa)

▣ **“Bara baraan”** mata-duree addaa ilaali Far.9:5 irratti.

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. YHWH n akkamitti timsee fakkaataa?
2. Lakkoofsa 1-3 gochamoonni amanamummaan jireenya guyyaa guyyaa akkamitti hijii irra oolchu?
3. “Bowwaa gaadiduu duwwaa” ibsi.
4. Faarfannaan kun jireenya boodde himtee dhaa?
5. Faarfannichi baroota hundumaati amantootni hiika baay’ee kan qabataniif maaliif?

# FAARFANNAA 24

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mootiin ulfina haa galu Seensa MT kan qabu faarsaa Daawiit | Mootii ulfinaa fi mootummaa isaa | Seera gara mana qulqullumaa seenuu | Mootii guddicha | Ulfinaan gara mana qulqullummaa galuu |
| 24:1-6 | 24:1-2 | 24:1-2 | 24:1-2 | 24:1-2 |
| | 24:3-6 | 24:3-6 | 24:3-6 | 24:3 |
| | | | | 24:4 |
| | | | 24:7-8 | 24:5-6 |
| 24:7-10 | 24:7-10 | 24:7-10 | | 24:7 |
| | | | 24:9-10 | 24:8 |
| | | | | 24:9 |
| | | | | 24:10 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA HAALA BARREEFAMIICHAA**

A. Faarfannaan kun waa'ee
   1. YHWH n akka uumaa (lak. 1-2) fi lolaa (lak. 8)
   2. Gara isaatti dhi'aachuu kan danda'an isa waaqessu (lak. 3-6)

B. Wal cinoonni walfakkaatoon dhaabbataatti faayida irra ooluu isaanii hubadhu

C. Maqaa eeraman hubadhu
   1. Isin balbaloonni, lak. 7, 9

2. Isin balbaloonni durii, lak. 7, 9
3. Yaaqoob, lak. 6 tarii “Yaa Yaaqoob” ta’uu danda’a

D. Maqaawwan isaaniiti fi ibsa gaalee hubadhu
   1. Waaqa fayyinaa, lak. 5 (Far.18:46; 25:5; 51:14; 79:9)
   2. Waaqa ulfinaa, lak. 7, 8, 10 (ueroo lama)
   3. Humna fi jabina YHWH , lak. 8
   4. YHWH lolatti jabaa, lak. 8
   5. Gooftaa maccaa, lak. 10

   Lakkoofsa 3, 4, 5 hiika loltuu qabu.

E. YHWH waaqeffachuuf kan isaaniif heyyamamee hubadhu (Faarfannaa 15) godoo bultii/mana qulqullummaa, amala isaanii kan ta’e
   1. Harkii isaa qulqulluu kan ta’e, Iyoob 17:9; 22:30
   2. Garaa qulqulluu kan ta’e Far.73:1
   3. Lubbuu isaa sobaan kan ol hin kaafne, Hiz. 18:15
   4. Sobaan kan hin kakkane
   5. Isaan isa kan barbaadaniif, Far.9:10; 24:4, 8; 27:8; 34:4; 69:32

Waaqeffannaan kun faarfannaa ture warra Leewwotaaf, amantootni guyyaa ayyaanaatti yeroo dhufan.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 24:1-6

1 **Lafichi wanti laficha guutes**
**Hundinuu kan Waaqayyoo ti,**
**Biyya lafaa fi warri isa keessa**
**Jiraatanis kan isaa ti*;**
2 **Inni galaana irra hundee isaa kaa’eera,**
**Bishaan irras jabeessee dhaabeera,**
3 **Gara tulluu Waaqayyotti ol ba’uun**
**Kan ta’uuf eenyu?**
**Iddoo isa qulqullaa’aa keessas**
**Dhaabbachuun kan ta’uuf eenyu?**
4 **Isa harki isaa hin xuraa’in,**
**Garaan isaas qullaa’aa ta’e,**
**Isa yaada isaa wanta sobaa duukaa hin kaafne,**
**Isa sobaan hin kakannee dhas.**
5 **Inni Waaqayyo biraa eebba,**
**Gooftaa isaa, fayyisaa isaa**
**Biraas dhugaa in argata*.**
6 **Dhaloonni Waaqayyoon**
**Barbaaddatan kun warra akkasii ti;**

**Yaa Waaqayyo isa kan Yaaqoob**

**Warri fuula kee arguu fedhan isaanuma kana.**

**24:1-2** lakkoofsoonni kun YHWH dhaaf akka uumaatti xiyyaafannoo kan kenanii dha (Uma. 1-2; Bau. 9:29; 19:5; Far.50:12; 89:11; Far.104); lammanuu jireenya kan hin qabnee fi jireenya kan qaban, lammanuu namootaa fi bineensoota (Far.146:6; Jer. 27:5; 51:15).

Lakkoofsa 2 irratti fakkeenyummaan nuuraa kan inni argisiisu lafti bishaan irraa akka hundeefamtee dha (Far.104:3, 5;n 136:6). Bishaan (lammanuu, qulqulluu [jechuun, lagoota] fi ashaboo kan qabu [jechuun, galaanoota]) Uumama 1 irratti akka uumaman hin jedhamne. Faayidaadhaan (baha dhihoo durii) himteen bishaan kan inni eeru akka bineensa samuun darbeetti. Odeefannoo dabalataaf:

1. Uma. 1:2 yaadannoo jiru ilaali, Uma. 1-11 web site bilisaa irratti www.freebiblecommentary.org
2. Nidoot, jildii 4, fuula 545-549, “loltu hafuuraa”) . Kitaaba qulqulluun Waaqayyo bishaan ni to’ata (Amos. 9:6)

Inni, wal horuu waaqa tolfamaa osoo hin taane, kaayyoo isaatiif itti fayyadama.

1. Uumamaa fi firdii
2. Jireenya Biqiltootaa fi bineensoota ni soora (jechuun, rooba waggaa)

**24:1 “Lafa …addunyaa”** jechi jalqabaa (BDB 75) baay’ee kan baratamee dha, kanaaf diree hiikaa bal’aa qaba, mata duree addaa ilaali Far.1:2 irratti. Jechi lammaffaan (BDB 385) dubbi dacha wal fakkaataa dha, baayinaan faarfannaa fi Isaayas irratti faayidaa irra kan oole.

**24:2 “hundeesseera… dhaabbeera”** isaan gochamoonni lamaan kun (Fak. 3:19)

1. BDB 413, KB 417, *Qal* PERFECT
2. BDB 465, KB 414, *Polel* IMPERFECT

Walitti dhufeenya walcinaati. Lammanuu kan isaan mirkaneessan YHWH , Waaqayyo uumaan lafa gogaa fakkeenyoota jaboo irratti hundeessuu isaati (1Sam. 2:8; Iyoob 9:6; Far.75:3), innis girgidaa Wuqanoosi fi gaaroota jala kan ga’u (Iyoob 38:4-6; Far.18:7, 15; Yonas 2:6).

Kun ibsa saayisawaa ammayyaa miti, ta’us garuu dubbi dachaa nuura dursa saayinsaawaati malee! Kitaabni qulqulluun warra dhi’aa ammayyaatiif deebii saayinsii kennuudhaaf yookaan odeeffannoo dhi’eessuuf hin barreefamne. Inni kitaaba kan durii baha dhihoo ti, qooqa ta’iitiin kan barreefame (jechuun, wantootni qaamoota miiraa shananiin akka ta’an).

**24:3-6** kun buusaa adda ta’e ta’uu danda’a (hiika ingilliffaatiin ramaddiin barreefamaa fuula jalqabaa ilaali). Innis Waaqa uumaa waaqessuuf Waaqayyoof waan barbaachisan ni ibsa (lak. 6 fi qabiyyee akkaataa barreefamaa E).

Inni kan inni argisiisu bakka itti waaqefamuu godoo bultii/mana qulqulluummaa Yerusaaleemiti (lak. 3). Manni qulqulluummaa fakkeenya guutummaa biyya lafaati (qayyabannaa kitaabaa Yihuudaa, fuula 1308, lak. 1-2 fi NASB qayyabanna kitaaba qulqulluu, fuula 762, lak. 2). Kitaaba haaraa Uumama 1-2 akkan hubadhu kan na gargaare, YHWH n mana qulqullummaa akka ijaare, Johon Walteen, Uumamni tokko addunyaa bade. Akka ilaltaniif abdiin godhadha. Inni walitti bu’iinsa hambisuuf, yookaan yoo xinaate hir’isuuf dandeetti qaba

1. Umurii lafaa
2. Jijjirama tirataa
3. Kaayyoo Uumama 1-2
4. Uumamni faayidaa kan biroo (baha dhi’oo durii) yaada bal’aa uumamaa wajjin akkamitti akka walitti dhufan kana gochuudhaaf, abboomamuu kakuu (Faarfannaa 15) barbaachiisa (lak. 4). Kan abboomaman ni fudhatu
   1. . Eebba YHWH irraa, lak. 5
   2. Tola (jechuun, ittisa, Isa. 54:17) Waaqa fayyinaa irraa, lak. 5

Lakkoofsa 4-6 gaaffiiwwan lamaan fakkaatu, lakkoofsa 3 irratti kan ilaalan. Buusaan kun sirna ol ka'aa waaqefannaa ta'uu danda'a, Lewwootaan kan faarfatamu, amantootni gara godoo iddo bultii/mana qulqullummaa yeroo dhufan, gaara Mooriyaa irratti.

**24:4 "Kaasuu"** gochamni kun (BDB 669, KB 724) faarfannaa kana irratti irra deddeebiin faayidaa irra ooleera.

1. Lak. 4– lubbuu isaa akkasumaan kan hin kaafne (*Qal* PERFECT)
2. Lak. 5– ni fudhata ("baatee deema") eebba (*Qal* IMPERFECT)
3. Lak. 7, 9 – isin mooti ulfinaa, balbaloota keessan banaa (*Qal* IMPERATIVE)
4. Lak. 7, 9 – banaa, balbaloonni durii (*Qal* IMPERATIVE)
5. Uumamni saayisii ammayaa wajjn akkamitti akka walitti dhufu yookaan akka walitti hin dhufne

▣ **"Lubbuu"** jechi Ibirootaa kun *Nephesh* dha (BDB 659). Far.3:2 fi 23:3 irratti yaadannoo ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **" sobdummaaf"** |
| **NKJV** | **"waaqa tolfamaaf"** |
| **NRSV, REB** | **"soba kan ta'e"** |
| **NIV** | **"waaqa tolfamaa waaqessuuf"** |
| **NJB** | **"waan akkasumaatiif"** |
| **JPSOE** | **"kakkaa sobaaf"** |

jechi isaa (BDB 996) bu'uura irraa hiiki isaa "duwwaa," "akkasumaan," yookaan "waitti kan hin galle" dha. Innis bifa baay'eedhaan faayidaa irra ooleera (kana gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali).

## MATA DUREE ADDAA: AKKASUMAAN, SOBA, KAN WAYITTI HIN GALLEE (BDB 996)

Jechi kun bu'uura irraa hiiki isaa "duwwaa," "akkasumaas," "kan wayitti hin galle" dha

1. Kaka/maqaa YHWH akkasumaan kaasuu – Bau. 20:7, Kes. 5:11, 6:13, 10:20, Far.24:4, 139:20
2. Waaqa tolfamaadhaaf – Far.31:6, Erm. 18:15, Yoonas 2:8
3. Haasaadhaaf – Far.12:2, 41:6, 144:8, 11, Fak. 30:8, Isa. 59:3, Hiz. 13:8, Hos. 10:4
4. Yaadaaf – Iyoob15:31, Isa. 5:18, 30:28
5. Raajiidhaaf – Iyoob 35:13, 16, Far.Erm. 2:14, Hiz. 12:24, 13:6, 7, 9, 23, 22:28
6. Namoota wayitti hin gale – Iyoob. 11:11, Far.26:4
7. Gocha namootaaf – Far.60:13, 89:48, 108:13, 127:2
8. Aarsaa wayitti hin galle– Isa. 1:13

kun akka " wayitti hin galleetti" jecha wal fakkaataa miti (BDB 210 I), lallaba irratti irra deddeebiin faayidaa irra kan oole. Innis faarfannaa irratti mul'ata 31:6, 39:5-6, 11, 62:9, 78:33, 94:11, 144:4.

▣ lakkoofsa 4 duuka buutuu amanamaa isa dhugaa amaloota afran qaban, akkasumas hololoo lammaffaan isa sadaffaa wajjin wal cina yoo ta'e, egaa lammanuu kan isaan eeran mana murtiitti kan dhiyaatu ragaa dhugaa dha, lak. 4B waaqefannaa waaqa tolfama bakka eeruuti. "Kan tolaa" fayyadama, bifa mana murtiittiin (lak. 5B) kanaaf gatii kenna. Nidoot jildii 3 fuula 153 ilaali, achitis "harka kee qulqulluu" kan nuuraata'uu isaaniin, firdiidhaaf murtoo qulqullummaa.

**24:6 "Barbaaduu….barbaaduu"** isaan lamman adda ba'aan garuu hundee Ibirootaa wal cina ta'aniin kan isaan hiikaman.

1. BDB 205, KB 233, *Qal* PARTICIPLE (MT – SINGULAR, *Qere* – PLURAL),, Far.78:34
2. BDB 134, KB 152, *Piel* PARTICIPLE, Kes. 4:29; 1Seen. 16:11; 2Sen.7:14; Far.27:8; 105:4; Hos. 3:5; 5:15; Sof. 1:6; 2:3

▣ **"– kan Yaaqoob"** kana karaa tokkoo oliin hubachuun ni danda'ama.

1. Waaqa Yaaqoob (LXX)
2. Waaqayyoon barbaadi, Yaaqoob akka barbaade
3. Maqaa kan biraan saba kakuu isaaf (akka "dhaloota"); Yaaqoob = Israa'el

▣ **"Selaayi"** Far.3:2 irratti kan jiru yaadannoo fi seensa faarfannaadhaaf VII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA :24:7-10

**7Mootiin ulfinaa kun eenyu inni?**
**Isin yaa mata-duree balbala kellootaa, ol banamaa!**
**Isin yaa balbaloota durii durii, ol banamaa*!**
**8Mootiin ulfinaa kun eenyu inni?**
**Waaqayyo isa jabaa aango –qabeessa,**
**Waaqayyo isa duulattis aangoo qabuu dha.**
**9Mootiin ulfinaa akka ol galuutti,**
**Isin yaa mata-duree balbala kellootaa, ol banamaa!**
**Isin yaa balbaloota durii durii, ol banamaa!**
**10 Mootiin ulfinaa kun eenyu innii?**
**Inni Waaqayyo gooftaa maccaa ti, isa mootiin ulfinaa! Selah.**

**24:7-10** balbaloota/kelloota bara baraa kan eeruu kellaa Yerusaaleem, kan mana qulqullummaa (lak. 3). Isaan fakkiidu namoomsuu ta'aniiru, mootii ulfinaa isa guddaa, YHWH fudhachuudhaaf, gara mana isaa/mana qulqullummaa isaa yeroo dhufuu mo'ichaan booda (Bau. 14:14; 15:3; Kes. 1:30; 3:22, jechuun, lola mana qulqullummaa). Jechuun kan danda'amu gabatee kakuu isaa wajjin gocha wal qabate fakkeenyummaan isaa kan YHWH lammata gara mana qulqullummaatti fiduu dha. Abboomoota isa hundumaa hubadhu.

1. Isinn mootiin ulfinaa kaasaa – BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERATIVE
2. Kaasaa –BDB 669; KB 724, *Niphal* IMPERATIVE
3. Mootiin ulfinaa ha seenu BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole
4. Isin mootiin ulfinaa kaasaa– lakkoofsa tokkoon kan wal fakkaatu
5. Kaasaa – lakk. 2 wajjin wal fakkaataa, garuu *Qal* IMPERATIVE
6. Lakk. 3 wajjin wal fakkaataa

Kitaaba yaadannoo UBS (fuula 241) akka jedhuutti lakkoofsa 7 waaqeefannaa bo'iichaati, waaqefannaaf kan dhufan (amantoota). Akkas yoo ta'e, egaa lak. 8 fi 10 deebii waaqefannaa Leewootaati. Ana akka natti fakkaatutti lakk. 1-6 seera waaqefannaa warra Leewoota kan argisiisuu dha, mana qulqullummaa warra eeganiin kan jedhaman.

**24:10** lakkoofsa kana irratti kan yeroo hin jiru. "Kan ni ta'aa" gochamni kan godhamee Ingillifa kan dubbataniif, dubbiftoota Ibirootaa durin akka godhame hundumaa.

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan 15 fi 24 akkamitti walitti dhufuu?
2. “Sobduu ta’u” akkaataa Kakuu Moofaatiin ibsi.
3. “Fuula kee barbaaduu” maal jechuu dha?
4. Lakkoofsa 7-10 dhugaa akkamiitiin heera waaqefannaa irratti irra deddeebi’ame kan jedhamu?

# FAARFANNAA 25

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhata eegumsaa fi geggeeffamu | Oolfamuu fi dhiifamaa kadhata | Diinota dhuufaa irra ooluudhaaf (booyicha) | Kadhata eegumsaa fi geggeeffamu | Kadhata yeroo balaa |
| Seensa MT kan qabu | | | | |
| Faarsaa Daawiit | | | | |
| 25:1-3 | 25:1-3 | 25:1-2 | 25:1-3 | 25:1-2a (Alef) |
| | | | | 25:2b (beet) |
| | | | | 25:3 (gaameel) |
| | | 25:3 | | |
| 25:4-7 | 25:4-5 | 25:4-5 | 25:4-5 | |
| | | | | 25:4 (Daalex) |
| | 25:6-7 | 25:6-7 | 25:6-7 | 25:5 (hi) |
| | | | | 25:6ሐ-7 (Waaw) |
| | | | | 25:6 (zeyiin) |
| 25:8-11 | 25:8-11 | 25:8-10 | 25:8-10 | 25:7 (heet) |
| | | | | 25:8 (Teef) |
| | | | | 25:9 (yood) |
| | | 25:11-15 | 25:11-14 | 25:10 (kaaf) |
| 25:12-15 | 25:12-15 | | | 25:11 (laameed) |
| | | | | 25:12 (Meem) |
| | | | | 25:13 (Nun) |
| | | | 25:15-18 | 25:14 (Saamke) |
| 25:16-22 | 25:16-21 | 25:16-18 | | 25:15 (Een) |
| | | | | 25:16 (pee |
| | | | | 25:17 (zaadii) |
| | | 25:19-21 | 25:19-21 | 25:18 (qoof |
| | | | | 25:19 (resh) |
| | | | | 25:20 (shiin) |
| | 25:22 | 25:22 | 25:22 | 25:21 (taw) |
| | | | | 25:22 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun kan itti fannifamuu dha (buusawwanNASB). Ta'es, qubeewwan lama badaniiru, akkasumas lama irra deebi'ameera (kitaaba qayyabannaa Yihuudi, fuula 1309).

B. Innis xiyyaafannaa gaaffillee kadhataan kan guutee dha.
   1. CHOHERETIVE
      a. Lak. 2 – "Alfeer," BDB 101, KB 116, wal kan hutuban (hundeen kun Faarfannaa keessatti yeroo sadii faayidaa irra ooleera, innis baay'ee kan baay'ate miti, argisiisa amanamummaa hanga ta'eetti)
      b. Lak. 20 – "Alfaar," A wajjin wal fakkaataa, garu IMPERFECT, bifa wal cinaatiin faayidaa irra kan oole (Inkilusi'o kan of keessatti qabatu)
   2. IMPERFECT bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oolan
      a. Lak. 2 "Dinootni koo ana irratti akka hin gammane," BDB 763, KB 836, *Qal* IMPERFECT
      b. Lak. 7 – "cubbuu hin yaadin," BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERFECT (hundeen kun lak. 6-7 irratti yeroo sadii faayidaa irra ooleera)
      c. Lak. 21 – "garaamummaan kee fi tolii kee na ha eegan," BDB 665, KB 718, *Qal* IMPERFECT
   3. IMPERATIVE
      a. Lak. 4 – "Karaa kee na beeksiis," BDB 393, KB 390, *Hiphil*
      b. Lak. 4 – "Si barbaaduu barsiisi," BDB 540, KB 531, *Peil*
      c. Lak. 5 – "Dhugaa keen na geggeessi," BDB 201, KB 231, *Hiphil*
      d. Lak. 5– "Na barsiisi," B wajjin wal fakkaataa
      e. Lak. 6 – "Yaadi," BDB 269, KB 268, *Qal*
      f. Lak. 7 – "Yaadi," E wajjin wal fakkaataa
      g. Lak. 16 – "Fuula kee gara kooti deebbisi," BDB 815, KB 937, *Qal*
      h. Lak. 16 – "Nati araarami," BDB 335, KB 334, *Qal*
      i. Lak. 17– "Dhiphina koo keessaa na baasi," BDB 422, KB 425, *Hiphil*
      j. Lak. 18– "Rakkina koo ilaali," BDB 906, KB 1157, *Qal*
      k. Lak. 18 – "Cubbuu koo hundumaa naaf dhiisi," BDB 669, KB 1157, *Qal*
      l. Lak. 19 – "Dinoota koo ilaali," J wajjin wal fakkaataa.
      m. Lak. 20 – "Lubbuu koo eegi," BDB 1036, KB 1581, *Qal*
      n. Lak. 20 – "Na fayyisi," BDB 664, KB 717, *Hiphil*
      o. Lak. 22 – "Israa'eliin fayyisi," BDB 804, KB 911, *Qal*

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**MACAAFA FAARFANNAA: 25:1-5**

[1]**Yaa Waaqayyo, lubbuun koo ol gara kee in yaaddi!**

[2] **Yaa Waaqayyoo ko, ani sin amanadha,**

**Akka ani hin yeellasifamne godhi!**

**Dinoonni koos ana irratti hin gammadin!**

[3] **Eyyee, warri harka kee eeggatan hin yeellaasifaman;**

**Warri akkasumaan amanamuu isaanii dhiisanii**

**Si irraa garagalan garuu in yeellaasifamu.**

**25:1-3** faarfattichi dinoota isaatiin akka sodaachifamu sodaateera ta'us garuu soda isaa gidduutti YHWH irratti kan qabu abdii fi amantaa ibsa.

Innis amala isaa kan godhate

1. Lubbuu isaa gara YHWH tti kaasuu – BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERFECT, inis itti fufiinsa kan qabu gocha kan ibsu (Far.86:4, 143:8)
2. YHWH tti amanachuu – BDB 105, KB 120, *Qal* PERFECT, innis gocha jabaa/haala kan argisiisu
3. YHWH eegata – BDB 875, KB 1082, keeyata jecha, AB (fuula 155) kan inni jedhu hundee kan biraa irraa ta'uu isaati, qubeewwan wal fakkaataa irraa, hiiki isaanis "waamuu" yookaan "Gaaffachuu"

Kana irraa kan ka'ee inni amaneera,

a. hin yeellasifamne (*inclusio*, Far.25:20; 31:1)
b. irratti akka gammadu (Far.41:11)

Ta'us garuu dinoonni isaa isaan irratti ta'a (lak. 3B). bifa kanaan YHWH kan amanatan amala isaatiif dhuga-baatoota (Mata-duree addaa ilaali: amala Waaqa ISraa'eel, Far.9: 19B irratti). Isaan akkamitti akka jiraatanii fi akka amanatan YHWH dhaaf dhugaa isaa fi amala isaaf cimaa kan ta'ee odeefannoo laata.

**25:3**

**NASB, NKJV**

| | |
|---|---|
| **NRSV** | **"akkasumaan"** |
| **NRSV , LXX** | **"sababa male"** |
| **JPSOE** | **"akkasumas, sababa malee"** |
| **TEV Kitaaba qulqulluu** | **"bu'aa malee"** |
| **Peshita** | **"akkasumaan"** |

Addeesa kana (BDB 938, KB1229) karaa lamaan hubachuutu danda'ama.

1. Sababa malee (Far.7:4)
2. Bu'aa malee (Isa. 55:11; Erm. 50:9)

## MACAAFA FAARFANNAA: 25:4-7

[4] **Yaa Waaqayyo, karaa kee akkan beeku godhi,**

**Daandii kees na barsiisi*!**

[5] **Dhugaa keetiin na geggeessi, na barsiisi!**

**Ati Waaqayyo isa na fayyisu waan taateef,**

**Ani guyyaa hundumaa sin  eeggadha.**

**6 Yaa Waaqayyo, gara-laafina kee fi gaarummaa kee,**

**Warra durii durii jalqabdee argisiisaa turte yaadadhu!**

**7 Yaa Waaqayyo, ati gaarii waan taateef,**

**Gaarummaa keetiin na  yaadadhu malee,**

**Cubbuu ijoollummaa koo fi irra-**

**Daddarbaa koo hin  yaadatin*!**

**25:4-7** warra jaboo xiyyaafannoo duraa fi aantee hubadhu, innis gocha YHWH  kan gaaffatan, akka isatti amanatanitti.

1. Beekuu (BDB 393, KB 390, *Hiphil* IMPERATIVE) karawwan isaa (BDB 202, Far.25:4, 8, 9, 12)
2. Barsiisuu (BDB 540, KB 531, *Piel* IMPERATIVE) karawwan isaa (BDB 73, 25:4, 10)
3. Geggeessuu (BDB 201, KB 231, *Hiphil* IMPERATIVE) isas dhugaa isaatiin (BDB 54, mata-duree addaa ilaali, Far.12:1 irratti)
4. Barsiisuu (BDB 540, KB 531, *Piel* IMPERATIVE) ana

Inni tokko kan amanamu (fi kan eegu, lak. 5C, 21 B) YHWH  beekuudhaaf barbaada, lammanuu tokkummaa dhuunfaa fi dhugaa mul'ateen. Dhugaa kana irratti bu'uura irraa fi mla jireenyaan abboomamuu gaaffata, jechuun YHWH

1. Amala isaa yaada (lak. 7B, C), mata duree addaa ilaali Far.9:10B
   a. Gara-laafina – BDB 933 (lak. 5)
   b. Arjummaa – BDB 338 (Lak. 6, 7, mata-duree addaa ilaali Far.5:7)
   c. Gaarummaa – BDB 375 (lak. 7)
2. Cubbuu hin yaadiin (BDB 308) kan mucummaa isaa (Iyoob 13:26)
3. Irra daddarba isaa akka hin yaadne (BDB  833)

**25:4 "Karaa kee… barbaaduu"** kan mul'atee dhugaa YHWH   haala gaariidhaan mul'ata, mallattoodhaan/karaa mul'atuun yookaan firdiin Far.1:1 irratti yaadannoo isaa ilaali). Maal gochuun akka jiraatu jeequmsi hin jiru, haala ta'uun kan mul'ate karaan abboomamuu qofaa dha kan barbaachiisu (Far.139:24). Karaan Waaqayyoo yeroo hundaa kan inni ibsamu akka wal qixaateetti, kallatiidhaan, ifaa, ifatti kan mul'atuu dha.

**25:6 "Durii durii jalqabanii jiruu hoo"** faarfattichi YHWH  gaaffata, karaa isaatiin akka hojjetamu (fi Israa'eel, lak. 22) karaa dhaabbataa ta'een, yeroo darbaniitti kan inni godhe (Far.89:49). Olaantummaadhaanis faarfattichi, Waaqa kakuu kakuuwwan kakuu isaa akka yaadatu barbaada. Inni yeroo duraan dureetti godheera, ammas adaraa kee irra deebiin saba kee fi addunyaadhaaf godhi. Eenyuu illee faarfattichi Israa'eeli dhibaa'uumaan cubbuu yoo hojjetes, adaraa kee jaalala kakuu kee (*hesed*, jechuun, amanamummaa kakuu keeti) fi amala bu'uraa kee (jechuun, arjummaa fi araara kee, Far.23:6), cubbamaa qaanefameef dhiifama godhi (lak. 8-11).

## MACAAFA FAARFANNAA : 25:8-11

**8 Waaqayyo gaarii dha,  qajeelaa dhas,**

**Kanaafis cubbamootatti karicha in argisiisa.**

**9 Inni warra gadadamoo**

**Wanta qajeelaa ta'een in geggeessa,**

**Karaa isaas isan in barsiisa*.**

**10 Warra kakuu isaa fi abboommii isaa eegan hundumaaf,**

**Karaan Waaqayyoo hundinuu**

**Karaa gaarummaatii fi karaa dhugaa ti,**

**11 yakki koo baay'ateera, yaa Waaqayyo,**

**Maqaa keetiif jedhi yakka koo anaaf dhiisi*.**

**25:8-11** furtuun baay'een jechaa fi yaad-rimeewwan lak. 4-7 buusaa kana irratti irra deebi'ameera. Kun faarfannoo kan itti fannifamu akka ta'e yaadadhaa. Kan faarfattichaa hunduu heyyama dubbi dachaa fi tooftaa uumuutiin faayidaa irra ooleera.

1. 25: 8A amala YHWH ni kabaja, lak. 6,7 irratti akka godhe
   a. Gaarii (BDB 373)
   b. Tolaa (BDB 449)
2. 25:8B-9 irra deebiin barumsaa fi geggeessaa YHWH eera, lak. 4-5 irratti akka godhe

   Lammanuu yaada dabalataa jecha ibsanii dha, waa'ee yaadaa fi geggeessaa isa tokko.

1. Cubbamoota (BDB 308), lak. 8
2. Gad of deebisaa (BDB 776), lak. 9 (yeroo lama)

Karaawan YHWH amala isaaniitiin

1. Arjummaa (Lak. 6,7)
2. Dhugaa (lak. 5)

**25:10 "Karaa…. Ragaa"** mata-duree addaa ilaali: jecha mul'ata Waaqayyoo, Faarfannaa 1:2 irratti.

▣ **"Kakuu isaa warra eegan"** xiyyafannoo isaa hubadha, beekumsaan osoo hin taane (25:4-5) garuu abboomamuudhaaan (Kes. 510; 6:5; 7:9; 10:12; 11:1, 13, 22; 13:3; 19:9; 30:6, 16, 20; Far.103:18). Abboomamuun kan fudhatama argachuu fi tooftaa dhiifamaa miti, innis kan YHWH , garuu wajjin wal arguu fi heyyama isaa hubachuu dha malee. Yesus akkas jedheera, Luqaas 6:46 irratti, dabalataanis Efe. 2:8-9 fi achi irraas 1:4; 2:10 ilaali. Ayyaanni yeroo lhundumaa kan dursuu dha (25:11)! Isa fudhachuun kan danda'amu dhugaadhaan, ta'us garuu amantiin isaa kan irra jiraatu ta'uutu irra jira (Yaaqoob 2:14-26).

▣ **"Kakuu"** kanaa gadii kan jiru mata-duree addaa ilaali.

## Mataduree addaa: Kakuu ( ברית)

Jecha Kakuu Moofaa kan ta'ee *berith*, (BDB 136) kakkuu ibsuuf salpha miti. Ibirootaan jechii madaluu hin jiru. Madda jechaa hiika argamsisuuf yaaliin ta'u hundumtu kan hin amansiifne ta'aniiru ta'uyyuu yaadni isaa wali gala giddu gallessumma itti gargaarama jecha akka sakata'aan beektoota dirqisiseera. Hiikaa hojii irra oolu murteessudhaaf.

Kakkuun inni tokkofaan Uumamaa kan ta'ee namaa wajjiin waligaltee godhamudha.
Akka yaadaatti kakkuun, wali galtee yookaan walii galuu ibsa Macaafa Qulqulluu hubachuun murteessadha.
Hundumaa gararaa ta'uu Waaqayyoo fi ijoollee Waaqayyoo mirga walabaa gidu falmiin jiru kakkuudhaan akka

yaadaatti ifatti mula'tadha. Kaakkuun tokko tokkoo kan isaan irratti hunda'aniidha.

1. Uumamnii mataan isaa (Seera Uumamaa a 1:2)

2. Abirahaam wamaamuu isaa (Seera Uumamaa a 12)
3. Kakkuu Abirahaam wajjiin (Seera Uumamaa a 15)
4. Nohii eegu saatiif abdii isaa (Seera Uumamaa a 6-9)

Ta'uyyuu amalli kakkuu inni guddaan deebi barbaaduu isaati

1. Amantiidhaan Addaam Waaqayyoof abomamuutu irra ture, Ganata giduu kan turee mukicha nyaachuun irra in ture.
2. Amantidhaan Abiraham firoota isaa dhiise Waaqayyoon duuka bu'e, akkasumaas waa'ee sanyii isaa dhufaani amanutu irra ture.
3. Amantiidhaan Nohi doonii guddaa tolchuu, bishaan irra fagaate bineensoota yaadutu irra ture
4. Amantidhann Museen Isira'eelin Gibxii baase qajeelfama murta'aan, amantaadhaa fi jireenya hawasummaaf kan ta'an kan eebba fi kan abaarsa abdii fudhatuu irra ture (Seera Kes 27-28).

Falmii wal fakkaata Waaqayyoo namoota wajjiin walitti dhuufeenya qabu "kakkuu haara keessatti" ilaaleera. Falmichiis Gibxiitti kan argamuu Raajii Hisqeel 18 tiin Raajii Hisqeel irraa 36:27-37 wajjiin wal dorgomsisuudha gocha Yaahiwee. Kaakkuuchi kan irratti hunda'ee Waaqayyoodhaan gochaa ayyannaati yookaan namaaf kan kennamee itti gaafatamumma bakka bu'umsa? Kun dhimma arifachisaadha. Kakkuu moofaan, kakkuu Haara dabalatee. galmii lamaan saatti wal fakkaatadha. (1) tokkummaa bade deebisudha seera Uumamaa 3 fi (2) amala Waaqayyoo kan calaqisisuu uummata hundessu.

Raajii Erm 31:31-34 kakkuu haaran falmiisaa in salphisa. Gochii namoota fudhatama argachuu fi kan godhuu hanbisudha. Seerri Waaqayyoo hawii keessa ta'e, inni alaatti lakkoofsi seera hafe. Gaarii sabaa tolaa ta'uuf galmii bifa wal fakkatadha. kan hafuu, haa ta'uu malee mallii isaa (galumsasati) kan jijjirame. ilmi namaa bifa mulachuu Waaqayyoo dandeeti ta'u akka hin qabne mirkana'eraa rakkoon isaa kakkucha hin ture haa ta'uu malee dadhabii namoota cubbamootaatti (Galatiyaa 3)

Falmii wal fakkaata kakkuudhaan halichii kan hin taaneef kakkuu haloota giduu akka jirutti kakkuudhaan jiraata. Fayinni raawate bilisa Yesuus Kiristoosiin rawaatamedha, garuu qalbii jijjiranaa fi amanti barbaada (lamaansaa ka'umsaa fiis ta'ee itti fufeenyaaf). innis lamaan isaa labsii leenjii seera qabeessaf Kiristoosiin gara fakkaachuti waamu, ibsa iyyataa simatamuuf qulqullumma barbaachisa!Amantootni gochaa mata isaaniittin kan fayyan miti, haa ta'uu malee abomamuun (Efeesoon 2:8-10). Waaqayyoon fakkaatanii jiirachuun raga fayyinaatti malee sababaa fayina miti. haa ta'uyyuu, jireenyii bara baraa hubatamuun kan irra jiruu amala qaba! Falmiin kun warra Ibiroota irrati ifatti argama.

**25:11** abdiin haraaraa kam iyyuu kan inni irratti hundaa'e kan hin jijjiramne amala YHWH irratti dha (Far.102:26-27; Milkiyaas 3:6; Yaaqoob 1:17, mata-duree addaa ilaali, Far.9:10 B irratti) fi Masihiidhaan (Ibr. 13:8). Kunis maqaa isaa irraa fi amala isaa irraa kan ka'ee dha (Far.79:9).

▣ **"Guddaa hoo"** al tokko amala Waaqayyoo yoo hubanne (jechuun, qulqullummaa, Lew. 19:2; Mat. 5:48) fi dhugaa Waaqayyo, cubbamummaa u'aa isaan ragaa fooya'e ta'a. gaarii fi hamaa muka beeksiisu (uma. 3) miciramummaa keenyaa fi mul'achuu bu'

## MACAAFA FAARFANNAA:25:12-15

**12 Namni Waaqayyoon sodaatu eenyu?**
**Karaa fo'achuun isaaf ta'u,**
**Waaqayyo isatti in argisiisa*.**
**13 Inni gaariitti in jiraata;**
**Sanyiin isaas lafa in qabata*.**
**14 Waaqayyo warra isa sodaatanitti,**
**Yaada isaa isa dhokataa iyyuu in beeksisa;**
**Kakuun isaas warra gad fageessanii**

**Hubatan isaan in godha.**

**15 Waaqayyo miilla koo kiyyoo keessaa waan baasuuf,**

**Iji koo yeroo hundumaa gara isaa in ilaala.**

**25:12-15** akka 4-7 fi 8-11 buusaawwanii, ergawwan wal fakkaataa ta'an asittis itti fufeera. Duuka buutuu amanamaan amala akkamii akka qabu hubadhu.

1. YHWH ni sodaata, lak. 12, 14, Far.15:4; 103:11, 13; 11; 118:4
2. Kakuu YHWH ni beeka, lak. 14
3. Iji isaa yeroo hundumaa YHWH irra jira, lak. 15

YHWH n isaaf akka godhuu hubadhu.

1. Karaa irratti ni barsiisa, lak. 12, Far.16:11; 139:24
2. Gaarummaa ni kenna (BDB 373) isaa fi sanuii isaaf, lak. 13
3. Dhugaa isaa isaaf mul'isa, lak. 14
4. Inni miila isaa karaa isaa irra geggeessa, badiisa irraas isa eega, lak. 15

**25:12 "Isa filateen"** kitaabni qulqulluun madaallii hafuura qulqulluu qaba, gocha olaantummaa YHWH fi namoonni isaa fi karawwan isaa akka filatan kan gaaffatan gidduu (Kes. 30:15, 19; Iya. 24:14-15). Fillannoowwan keenya irratti itti gaaffatamummaatu nurra jira! Mata-duree asi gadi jiru ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: Dursanii filamuu/murteeffamu irratti yaada jiru

Filannoo (yaada:wanti ammas ta'e fuula durattis ta'uuf jiru hundi dursee waaqayyoon murteeffameera jehdu (Predestination) fi barbaachisummaa madaallii (balance) barnoota hafuuraa. Filannoon seera (doctrine) hedduu gaariidha.Haata'u iyyuu malee garuu filannoon waamicha namoonni ittiin warra jaallatan fayyadan (favoritism) utuu hin taane,namoonni biraan akka ittiin cubbuu isaaniirraa fayyaniif akka meeshaatti fi karaatti ta'ee fayyadudhaaf.Kakuu moofaa keessatti jechichi gara caalu tajaajilaaf fayyada ture; Kakuu Haaraa keessatti jechichi irra caalaa fayyinaaf (salvation) isa tajaajlaa keesssaan muldhatuuf fayyada ture. Kitaabni Qulqulluun taumaa yaada waayee walabummaa (sovereignty) Waaqayyoo fi Walabummaa fadha ilmaan namaa( human free will),isa faallaa walii fakkatu waliti hin araarsu,lamaanuu isaanii iyyuu cimsa malee.

Yaada Walabummaa Waaqayyoo(sovereignty) fi fedhii walaba namootaa ( human free will) ilaalchisee fakkeenyi gaariin Gara Warra Roomaa 9 Waayee walabummaa waaqayyoo ilaalchisee ,Gara warra Rooomaa 10 immoo Waayee deebii (response0 namoonni deebisuu qaban iidha (cf. 10:11,13).

Yaada barumsa amantii hafuuraa kana ilaallatu irratti dubbiin ijoo efesoon 1:4 irratti muldhata. Yesuus nama Waaqayyoon filatameedha,namootni hundi immoo isa keessatti filatamu.(Karl Barth) Yesuus fadha ilmaan namootaa warra cubbamootaatiif (fallen mankind's need) "eeyyee" (Yes) Waaqayyooti.(Karl Barth).Efesoon 1:4 yammuu dubbifannu kaayyoon dursee murteessuu (predestination) Waaqayyoo mootummaa Waaqayyoo (heaven) utuu hin taane, qulqullummaa (holiness) yesuusiin fakkaachuu ta'uu isaa cimsee ibsa.Yeroo hedduu gara bu'aalee (faayidaalee) Wangeelaatti achi harkifamnee dirqama wangeelli (waaqayyo) nu irraa barbaadu immoo irraanfanna,waamichi,(filannaan )Waaqayyoo Yeroodhaaf ( for time) akkasumas imoo jireenya barabaraatiif.

Seeronni (doctrines) kan isaan dhufan (muldhatan) dhugaalee kanneen biraa waliin wal cina qabamuudhaani malee qophaa isaanii miti.Kana jechuunis dhugaalee walitti dhufeenya hin qabne miti jechuudha. Kanaaf ffakkeenya gaarii kan ta'u tuuta urjii fi urjii tokkittii kophaa jirrtuudha.Waaqayyo dhugaa karaa baha biiftuu muldhisa malee Karaa gosa dhihaatiin miti. Dhugaalee seeraa wa nttota faallaa ta'an lamaaniin uumaman irraanfachuu hin qabnu:

1. Dursee murteessuu( waan duursee murteeffamee) fi Fedhii namaa isa walaba( predestination vs Human free will)
2. Nageenya amantootaa fi barbaachisummaa (perseverance)

3. Cubbuu dhaalaa fi cubbuu utuu beekanii hojjetan
4. Cubbuu malee ta'uu (PERFECTionism) fi cubbuu muraasa hojjechuu( sinning less)
5 . Jalqbumaan battalumaan fayyuu fi ququlleeffamuu fi qulqullaahuu yerrodhaa gara yerootti fooyya'u suuts suutaan) progressive sanctification).
6. Walabummaa fi itti gaafatamummaa kiristaanaa ( responsibility Vs sovereignty)
7. waaqummaan isaa kan daaangaa hin qabne ta'uufi ala tokichaan bakka hunda jiraachuu Waaqayyoo(God's transcendence Vs God's immanence).
8. Waaqayyo tasumaa kan hin beekamne( ultimately unknowable) fi Yaada waaqni kitaaba qulqulluu keessatti ni beekama jedhu.
9. Mootummaan Waaqayyoo akka amma ta'ee fi Oogummaa madaallii hin qabne kan gara fuula duraa (future consummation)
10. Qalbii geeddarachuun akka waan kennaa Waaqayyoo ta'eetti ilaalamuu fi qalbii geeddarannaan deebii dhala namaa kan waadaa irratti hundaaye ta'uu(covenantal resppose)
11. Yesuus akka Waaqaa fi yesuus akka Namaatti
12. Yesuus Waaqayyo abbaa wajjin wal qiixa yaada jedhuu fi Yesuus Waaqayyo abbaadhaaf kabaja kenna ( subservient) yaada jedhu.

Yaadni amantii ( Theological co ncept) "Waadaa"(covenant) walabummaa Waaqayyoo isa yeroo hunda ajandaa qopheessu warra utuu wal irraa hin kutin yaada qalbii geeddaratanii deebii amantii lmaan namootaa wajjin tokko isaan taasisa.Yaadawwan faallaadhaan walcina kaa'aman kanneen gar rokkee qofa fudhachuun gara kaan immoo akka hin daganne of eeggadhaa! Yaada amantii isa isinitti tolu qofa akka hindubbannes of eeggadhaa!

**25:14**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, NJB** | **"icciitii"** |
| **NRSV** | **"firooma"** |
| **TEV** | **"fira"** |
| **LXX** | **"humna"** |
| **JPSOE** | **"gorsa"** |
| **REB** | **"gorsa"** |

Jecha Ibirootaa (BDB 691, KB 745) jechuu kan inni danda'u (Iyoob 15:8; Far.111:1)

1. Maree dhuunfaa – Iyoob. 29:4 ; Far.55:14
2. Gorsa icciitii – Far.89:7; Erm. 15:17; 23:18; 22

Hiikonni kun kan jijjiramanii fi kan geedaramanii dha. Wal mari'achuu adda ta'e, tokkummaa, fi ce'umsa dhugaa Waaqa kakuutii fi duuka buutota amanammoo gidduu jira.

**25:15 ijawwan YHWH** (mata duree addaa ilaali, Far.2:4-6 irratti) warra isa sodaatanii fi abboomaman irratti yeroo hundumaa akka ta'an, akkasumas immoo, amanamaaniis amanamummaa isaan itti fufa, guutuu fi yaada isaa IMPERATIVEa isa irratti godhachuudhaan (Ibr. 12:2)!

## MACAAFA FAARFANNAA : 25:16-22

**16 Fuula kee gara kootti deebisi, araara anatti argisiisi!**

**Anoo kophaa koo ti, gadadamaa dhas.**

**17 Garaa kootti nan dhiphadha, ati na furi!**

**Muddama ani keessa jiru keessaas na baasi!**

**[18] Gadadamuu koo, rakkachuu koos ilaali,**
**Cubbuu koo hundumaas anaaf dhiisi!**
**[19]Diinonni koo attam akka baay'atan,**
**Hammam akka na jibbanis ilaali!**
**[20]Ati jireenya koo eegi, ana oolchis;**
**Ani koolu sitti galeesa,**
**Akka ana hin yeellaasifamne godhi!**
**[21]Ani abdiidhaan waanan si eeggadhuuf,**
**Balleessaa dhabuunii fi waan qajeelaa hojjechuun**
**Hamaa ana 'irraa haa eegan;**
**[22]Yaa Waaqayyo, saba Israa'eliin**
**Rakkina isaa hundumaatti furi*!**

**25:16-21** buusaan kun rakkina faarfattichaa tarreessa.

1. Ani qophaa kooti
2. Rakkadheera
3. Garaan isaa rakkoo qaba
4. Dhiphina keessa jira
5. Dinoonni isaa baay'ee dha
6. Dheekamsa jabaadhaan isa jibaniiru
7. Qaanii sodateera

Haala kanaan YHWH gaaffata

1. Gara isaatti akka deebi'u (jechuun, xiyyaafannoo akka itti kennu, Far.69:16; 86:16)
2. Arjaa akka ta'uuf
3. Akka isa ilaalu/rakkina isaa akka dhubatu
4. Cubbuu isaa akka dhiisuuf (25:18; Far.32:1; 51:2; 103:3)
5. Lubbuu isaa akka eegu (Far.86:2)
6. Akka isa fayyisu

Yahiwween wantoota kana sababa inni isaaf godhuuf

1. YHWH waan amanateef
2. Inni ni mirkaneessa, kan isaa yookaan qajeelummaa fi tola YHWH (125:18B sababni kana akka amala YHWH tti godhee fudhachuutu wayya. AB (fuula 159) jedha, isaan fakiidu namoomsuutiin kan dhi'aatan amala YHWH ti)
3. Inni YHWH ni eega (Far.25:3)

**25:22** kun adda kan ta'e cuftuu jechaa natty fakkaata (lakkoofsa tokkoon achi, garee qaxaamuraa). Mootichi saba isaa bakka bu'a. kun kan faarfattichaa gaaffii kadhata isa dhumaati, kanaaf sadarkaadhaan kan biyyaatti. Oolchuu (BDB 804, KB 911, *Qal* IMPERATIVE, mata-duree addaa ilaali, Far.19:14 irratti) saba kakuu keessan (jechuun, "Israa'eel"), kaayyoo oolchuu kee bara baraa (mata-duree addaa seensaa Faarfannaa 2 ilaali).

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakkoofsa 4-7 gaaffilee kadhataa jiran tarreessi.
2. Gaaffilee faarfatichaa tarreessi, lakk. 16-2.
3. Ergaa faarfannaa kanaa akkamitti guddunfiita?
4. Faarfannaa kana akkamitti jireenya kee keessatti hoji irra oolchitaa?

# FAARFANNAA 26

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mormii amanamummaa fi kadhata eegumsaa<br><br>Seensa MT kan qabu faarsaa Daawiit | Fayyina waaqayyummaa fi kadhata deebi'anii bitamu | Diinota dhuunfaattii ooluudhaaf kadhata | Kadhata nama gaarii | Kadhata nama guutuu |
| 26:1-7 | 26:1-5 | 26:1-3 | 26:1-3 | 26:1 |
| | | | | 26:2 |
| | 26:6-8 | 26:4-5 | 26:4-5 | 26:3 |
| 26:8-12 | | 26:6-7 | 26:6-7 | 26:4-5 |
| | 26:9-10 | 26:8-10 | 26:8-10 | 26:6-8 |
| | 26:11-12 | 26:11-12 | 26:11 | 26:9-10 |
| | | | 26:12 | 26:11-12 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun, akka og-barruu barreefamaa baay’ee, kan bu’ureefame yaad-rimee Kakuu Moofaa irratti dha, “karaawwan lamman” kan jedhaman (Kes. 30: 15, 19; Faarfannaa 1). Jecha YHWH kan hin kabajne badhaadhummaan jira, akkasumas yakka kan hin kabajne (*jechuun, kan Lewwootaa 26 fi Kes. 27-29 abaarsaa fi eebba).

B. Faarfattichi wali galatti tokko tokkoo kakuu irra daddarbuudhaan komatamaniiru. Tilmaama fooya'aa kan ta'u waaqefannaa waaqa tolfamaati.

C. Lakkoofsa 9 kan argisiisu bara dhumaa adda adda baasuu dha, amanammaadhaa fi kan hin amanamne gidduutti. Jireenya booddee yaad-rimee wal dha'aa dha (Iyoob 14:7-12, 13-14; 19:25-27; Far.16:10; 49:15; 73:24; Isa. 25:8 ; 26:19; Dan. 12:1-4) ta'us garuu mul'ata itti fufiinsa qabu (jechuun, Kakuu Haaraa) dhimma isaa ifaa godha (Mat. 25:46; Yoha. 5:29; HoE. 24:15; 1Qor. 15).

## Mata duree addaa:Du'aa ka'uu

A. Ragaawwaan du'aa ka'uu
   1. Shantama (50) guyyaa Peentekoostee booda, du'aa ka'uu lalaba Pheexiroos yaadannoo furtuu ta'ee (Hojfakk.rg 2).kumaatamni bakka sana in jiraattu turan utuu raawwatamuu kan argani amananiiru!
   2. Jireenyi duuka buutuu abdii kutachuu irraa bifa jijjiirama hundeen ta'een (du'aa ka'uu in eegn e turan ifa kan ta'ee caalaatti aarfamuu.
B. Faayidaa du'aa ka'uu
   1. Yesus isa ta'uu isaa argisiisa (Maati 12:38-40 du'uu fi du'aa ka'uu isaa akka yaadee)
   2. Waaqayyoo tolaa gochuu isaa kaa'eera, jireenya Yesus keessa, barumsa fi du'a bakka bu'ummaa! (Roome 4:25).
   3. Abdii kiristaanoota hundummaa nu argisiisa (jechuun qaama du'aa kaa'uu, 1 Qoro 15).
C. Jecha Yesus, du'aa akka ka'uu kan inni jedhe
   1. Maati 12:38-40, 16:21, 17:9, 22, 23, 20:18-19, 26:32, 27:63
   2. Maari 8:31, 9:1-10, 31, 14:28, 58,
   3. Luqaa 9:22-27
   4. Yohaa 2:19-22, 12:34, Boqonnaa 14-16
D. Qayyabannoo dabalataa
   1. *Evidence That Demands a Verdict* by Josh McDowell (ragaa murtii barbaaduu)
   2. *Who Moved the Stone?* by Frank Morrison (dhagicha eenyutu kaasee?)
   3. *The Zondervan Pictorial Encyclopedia of the Bible*" (Zonderfaan suura macaafa qulqulluu insyiklopidiyaa, "du'aa ka'uu" "Yesus Krostos du'aa ka'uu isaa").
   4. *Systematic Theology* by L. Berkhof, fuulaa 346, 720.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 26:1-7

**1 Ani balleessaa tokko malee deddeebi'eera,**

**Amanannaa hin raafamnes**

**Waaqayyo irra kaa'adheera,**

**Yaa Waaqayyo, ati dhugaa koo anaaf baasi*!**

**2 Yaa Waaqayyo, qorii na ilaali,**

**Yaada koo fi garaa koo ati fonqolchi*!**

**3 Gaarummaan kee ija koo dura jira,**

**Siif amanamuudhaanis nan deddeebi'e.**

**[4]Ani namoota sobduu wajjin tarree hin teenye,**

**Warra haxxee wajjinis hidhata hin taane.**

**[5]Ani walga'ii warra hamaa godhanii nan jibbe,**

**Warra jal'ootaa wajjinis hin teenye.**

**[6]Yakka sababiin hin qabneef,**

**Harka koo nan dhiqadha,**

**Iddoo aarsaa kee nan naanna'a, yaa Waaqayyo*!**

**[7]Faarfannaa galataa guddisee faarfachaa,**

**Gochaa kee isa dinqisiisaa hundumaa nan hima.**

**26:1-7** buusaan kun kan inni mirkanneessu fedha faarfattichaati, YHWH dhaan akka isaaf faraduuf. Inni wantoota hamaa tokko tokkoon komateera, waaqeffannaa waaqa tolfamaa ta'uu kan danda'u.

1. Naaf faradi – BDB 1047, KB 1022, *Qal* IMPERATIVE, Far.7:8; 17:2-3; 35:24; 43:1; YHWH n saba isaa ni qora, Erm. 11:20; 12:3; 20:12; mata-duree addaa ilaali Far.11:4 B irratti
2. Na qorri – BDB 103, KB 119, *Qal* IMPERATIVE, Far.139:23
3. Yaada koo qorri – BDB 650, KB 707, Peyiil IMPERATIVE, Far.7:9; yaada ("Kalleewwan") fi lapheen guutuu qaamaatiif ciigoo dha (jechuun, akkaataa yaadaa, yaada, gochawwan)

Barreessichi achi irraas maaliif akka ta'uutti akka faraduuf sababawwan isaa tarreessa.

1. Garraamummaa koon deemera hoo – BDB 229, KB 246, *Qal* PERFECT, 26:3B fi 26:11A; Iyoob. 4:6; Far.7:8; 25:21; 41:12; 78:72; 10:12; Fak. 2:7; 19:1; 20:7; 28:6
2. Raafama malee YHWH amaneera – gochamawwan lamaan hubadhu.
   A. Amanachuu – BDB 105, KB 120 jecha PERFECT, Faru.13:5; 52:8; kun haala mijaa'ee dha
   B. Raafamuu dhiisuu – BDB 588, KB 609 , *Qal* IMPERFECT innis adeemsa irra fedhi jiru (Ibr. 10:23); nuura wal fakkaataa Far.5:8 fi 18:36 irratti ta'a
3. Dhugaa keen deemera ho – BDB 229, KB 246, Hitipeyil PERFECT Waw wajjin, asitti dhugaa jechuun amanamummaa dha, Doktriinii osoo hin ta'in
4. Warra hir'aafatan wajjin hin taa'u – BDB 442, KB 444, *Qal* PERFECT, Far.1:1 (kun kan inni argisiisu waaqa tolfamaa waaqessuu dha, Nidoote, jildi 4, fuula 54)
5. Warra akkasumaanii wajjin hin tarkaanfanne – BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERFECT
6. Tokkummaa hamootaa nan jibbe – BDB 971, KB 1338, *Qal* PERFECT, Far.31:6, 139:21
7. Hamaa wajjin hin teenye – BDB 442, KB 444, *Qal* IMPERFECT
8. Harka koo qulqullusseen dhiqadha – BDB 934, LB 1220, *Qal* IMPERFECT, Far.73:13; Lak. 8 fi 9 gochawwan waaqeefannaati, haloota waaqeffannaa biyyaa irratti kan raawwataman (Kes. 21:6)
9. Iddoo aarsaa keetiin naanna'a – BDB 685, KB 738, Pool cinaan, kun kan inni argisiisu shubisa waaqefannaa gosa tokkoo yookaan weellisuu dha, Isa. 6:3-15; Far.43:3-4; 48:12
10. Dinqii kee hundumaa nan hima (mata-duree addaa ilaali Far.9:1 irratti)
    A. Sagalee ol ka'aadhaan faarfachuu –BDB 1033, KB 1570, Hifil caasefama hin murtoofne
    B. Labsuu – BDB 707, KB 765, Peeyil caasefama hin xumuramne, Far.9:1, 40:5; 75:1

Kan xumuramanii fi IMPERFECT gidduu kan jiru garaagarummaa hubadhu. Yeroon gochama Ibirootaaf akka hin loogne yaadadhu, PERFECT yookaan gocha adeemsa irra jiru qofa.

▣ Duuka buutonni amanamoon diinonni amala akkamii akka qaban hubadhu.

1. Namoota nama dogogorsan ( jechuun, waaqa tolfamaa kan waaqessan, kan wayitti hin galle, BDB 996, mata-duree addaa ilaali, Far.24:4 irratti)
2. Fakkeesitoota (jechuun, of tuultoota, BDB 761, KB 824, *Niphal* keeyata Booz)
3. Tokkummaa warra hamaa godhanii (BDB 949, KB 1269, keeyata *Hiphil*)
4. Hamaa (BDB 957)

Irra deebiin gocha sirrii faarfattichaa hundumaa hubachuun kan danda'amu dinoota isaan akka hin raawwatamnee dha. Inni qulqulluu dha kanaf murtoo gaaffaata. Isaan cubbamoota kanaaf yakkii isaaniif ta'a.

5. Cubbamoota (BDB 308)
6. Dhiiga kan dhangaalaasan (BDB 60 caasefama BDB 196, Far.5:6; 55:23; 139:19)
7. Waan hamaa kan yaadan (BDB 273, Far.37:7), AB waaqa tolfamoo kana akka argisiisu yaada qaba (Fuula 163)
8. Gabarsuu fudhatu (BDB 1005), Bau. 23:8; Kes. 16:19, Far.15:5

Namoonni kun eenyu akka isaan ta'aan ajaa'ibsiisuu danda'a. Isaan namoota kakuu jireenya amantii hin qabne kan jiraatan yookaan saba kakuu malleeyyii dha ifa kan hin qabnee? Waaqayyo nu haa gargaaru, kan isaan fakkaatan ifa, dhugaa, fi namoota mul'ata qabanii dha, ta'us garuu isa fudhachuu dhiisuu kan filatan!

**26:3 "Arjummaa"** mata-duree addaa ilaali, Far.5:7 irratti.

**26:5 "Tokkummaa warra hamootaa"** "tokkummaa" jechi jedhu (Qahal, BDB 874) duubessa Kakuu Moofaa kan qabuu dha, waamama waldaa kiristaanaa Kakuu Moofaa, Ikleshiyaa ("Kan waamaman," jechuun, waldaa kirstaanaa) innis LXX dhaan faayidaa irra kan oole jecha hiikuudhaaf.

Yaadi isaa tokkummaan gosi lama jiraachuu isaati (Mat. 7:13-14)

1. Saba amanamoo Waaqayyoo – Far.22:22; 25:18; 40:9, 10; 89:5; 107:32; 149:1
2. Waan hamaa kan godhan (waaqa tolfamaa kan waaqessan, Far.31:6)

## MACAAFA FAARFANNAA: 26:8-12

**8 Yaa Waaqayyo, mana ati keessa jiraattu,**
**Iddoo ulfinni kee buufatus ani nan jaalladha*.**
**9 Lubbuu kook an warra**
**Cubbamootaa wajjin hin fuudhiin,**
**Warra dhiiga namaa dhangalaasaanii**
**Wajjinis Jireenya koo hin balleessin!**
**10 Harka warra akkasii keessa**
**Akeeki hamaa hojjechuu jira,**
**Harka isaanii mirgaa keessa**
**Immoo gabbarsuutu guute.**
**11 Ani garuu balleessaa malee nan deddeebi'a,**
**Yaa Waaqayyo, ati ana furi, anatti araaramis!**
**12 Miilli koo lafa wal qixxee irra qajeelee in dhaabata,**
**Walga'ii keessattis Waaqayyoon nan jajadha*!**

**26:8-12** Buusaan kun lak. 1-7 kan jiru yaada wal cina godha. Faarfattichi irra deebiin wantoota gaarii isaa tarreessa, fudhatamummaa isaaf, akkasumas gocha dinoota isaati/yaada, fudhatama argachuu dhabuu isaanii.

Waan gaarii faarfattichaa

1. Mana qulqullummaa keen jaalladhe – BDB 12, KB 17, *Qal* PERFECT
2. Garaamummaa koon adeemeera – BDB 1070, 26:1
3. Millii koo iddoo wal qixaaxa irra dhaabbateera (Far.27:11). Kun karaa fakiiduu ifa ta'ee dha, karaa sirra'aa karaa kakuu YHWH , Far.119:105

Faarfattichi Waaqayyoon gaaffata, isaaf akka godhuuf, hamoota irratti kan godhu bifa adda ta'en.

1. Lubbuu koo warra cubbamoota wajjin hin fudhatin (jechuun, "Walitti qabu," BDB 62, KB 74, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole. Gochamichi kun akkuma jirutti faayidaa irra kan oole "Maharii" dhaaf (Isa. 62:9). Innis du'aaf faayidaa irra oolaa kan inni dhufe (Abo. 2:10; 2Mot. 22:20; 2Sen. 34:28).
2. Lubbuu koo namoota dhiigaa dhangalaasaan wajjin hin fudhatin

Namootni kun kan isaan beekaman dhiiga-dhangalaasuudhaan, waan hamaa yaaduudhaan, fi gabarsuu fudhachuunni dha. Tooftaa jireenyaa ifatti mul'atu garaagarummaa qaba, duuka buutuu amanamoo fi amantii kan hin qabne Israa'eel gidduutti, isaanis gocha waaqeffannaa kan raawwatanii fi seera Waaqeffannaa kan hirmaatan ta'us garuu tooftaa jireenyaa bu'aa kan hin qabne (Mat. 7:15-27)!

## MATA DUREE ADDAA: KAN HINAMANNE (*APHISTĒMI*)

Jechi Giriikii *aphistēmin* kun akaakuuwwan xiin hiikaa bal'aa ni qaba. Haa ta'u malee, jechi Afaan Oromoo "hin amanne" jechuma kanarraa argamee dubbistoota hammayyaatiif itti fayydama ilaalcha gadhee akka qabaatu ni taasisa. Dubbifnu wlaiigalaa, akkuma yeroo hundaa, hiikkaa battalaa otuu hin ta'in furtuudha

Inni kun firoomsee apo isa hiikni isaa "irraa" ykn "irraa fagaatee" fi hestēmi, "taa'uu" "dhaabachuu" ykn "qabsiisuu" jedhan walitti makameedha. Itti fayyadamoota (kan ti'oolojii hin taane) kanneen armaan gadii qalbeeffadhaa:

1. qaamumaan balleessuu
   a. mana qulqullummaati, Luq. 2:37
   b. Mana tokkorraa Mar. 13:34
   c. Nama tokkorraa, Mar. 12:12; 14:50; HoE 5:38
   d. Wantoota hundumarraa, Mat. 19:27,29
2. karaa siyaasaatiin balleessuu, HoE 5:37
3. sababa qabatamaadhaan balleessuu, HoE. 5:38; 15:38; 19:9; 22:29
4. seerumaan (hiikuun) balleessuu, Kes. 24:1,3 (LXX) fi Kakuu Haaraa, Mat. 5:31; 19:7; Mar. 10:4; 1Qor. 7:11
5. idaa balleessuuf, Mat. 18;24
6. dhiisuudhaan itti gaafatamummaa dhabuu argisiisuuf, Mat. 4:20; 22:27; yoh. 4:28; 16:32
7. gadhiisuu dhiisuudhaan itti gaafatama argisiisuuf, Yoh. 8:29; 14:18
8. eeyyamuuf ykn fedha argisiisuuf, Mat. 13:30; 19:14; Mar. 14:6; Luq. 13:8

Miira ti'oolojiitiin GOCHIMICHIS dabalataan itti fayydama bal'aa tokko ni qaba.

1. Haquuf, dhiisuuf, yakka cubbuu dhiisuuf, Ba'u. 32:32 (LXX); Lak. 14:19; Iyo. 42:10 fi Kakuu Haaraa Mat. 6:12, 14-15; Mar. 11:25-26
2. cubbuurraa deebi'uu 2Xim. 2:19
3. irraa fagaachuu dhiisuudhaan/ash godhu
   a. seericha, Mat. 23:23; HoE 21:21
   b. amanticha His. 20:8 (LXX); Luq. 8:13 2Tas. 2:3; 1Xim. 4:1; Ibr. 2:13

Amantoonni hammayyaa gaaffiiwwan ti'oolojii kanneen barreessitoonni Kakuu Haaraa waa'ee isaanii gonkumaa

hin yaadin turan danuu isaanii ni gaafatu. Kanniin keessaa inni tokko ilaalcha hammayyaa amantii amanamummaa irraa adda baasuu wajjin walitti ni firooma ture.

Macaafa Quqlulluu keessatti namoonni kanneen namoota Waaqayyoonii fi wanta ta'e tokko keessatti hammataman ni jiru.

I. Kakuu Moofaa
   A. Kanneen warra basaastota kudha lamaan (kurnanii) dhaga'an, lakkoobsa 14 (cf. Ibr. 3:16-19)
   B. Korah, Lakkoofsa 16
   C. Ijoollee Eelii, 1Saamu'eel 2, 4
   D. Saa'ol 1Sam. 11:31
   E. Raajota sobaa (fakkeenyoota)
      1. Kes. 13:1-5, 18:19-22 (karaawwan itti raajii sobaa tokko beekan)
      2. Ermiyaas 28
      3. Hisqi'eel 13:1-7
   F. Raajoota (dubartoota) sobaa
      1. Hisqi'eel 13:17
      2. Nahimiyaa 6:14
   G. Dursitoota hamoota Isiraa'el (fakkeenyota
      1. Ermiyaas 5:30-31; 8:1-2; 23:1-4
      2. Hisqi'eel 22:23-31
      3. Mikiyaas 3:5-12
II. Kakuu Haaraa
   A. Jechi Giriikii kun jechumaaf jechatti *apostasize* dha. Lamaanuu Kakuu Moofaanii fi Kakuu Haaraan itti abaasuu barsiisa hammeenyaa fi sobaa dhufaatii lamma duraa ni mirkaneessu (cf. Mat. 24:24; mar. 13:22; HoE 20;29, 30; 2Tas. 2:9-12, 2Xim. 4:4). Jechi Giriikii kun tarii jechoota Yesuus fakkeenya Biyyoo Maatewos 13, maarqoos 13 fi Luqaas 8 keessatti argaman calaqqisiisuu ni mala. Barsiisonni sobaa kunniin ifumatti kiristiyaanoota miti, garuu immoo isaan isuma keessaa ba'an (cf. HoE 20:29-30; 1Yoh. 2:19); haa ta'u malee, isaan amantoota akka waan gadhee hojjetanii fi hin guddanne gochuu danda'aniiru (cf. Ibr. 3:12).

      Gaaffiin ti'oolojii barsiisonni sobaa yomiyyuu taanaan kiristiyaanotaa? Kan jedhuudha. Sababa waldootii amantootaa naannoo keessa barsiisonni sobaa jiraniif inni kun deebisuuf ni ulfaata (cf. 1Yoh. 2:18-19). yeroo baay'ee barmaatileewwan keenya kan ti'oolojii fi kan gartuu amantii ta'antu gaaffii kana dubbisa Macaafa Qulqulluu (tooftaa waraabbii dubbisaa gama tokkoo looguu nama tokkootiif ragaa ni ta'a jedhanii luqqisan irraa kan hafe) otuu hin eeriin deebisa.

   B. Amantii ifa ta'ee;
      1. Yihudaa, Yoha. 17:12
      2. Simoon magnuu, HoE 8
      3. Kanneen Mat. 7:13-23 keessatti waa'ee isaanii dubbatame
      4. Kanneen Mat. 13, Mar. 4; Luq. 8 keessatti waa'een isaanii dubbatame
      5. Yihudoota Yoh. 8:31-59
      6. Himnewosii fi Iskindir 1Xim. 1:19-20
      7. Kanneen 1Xim. 6:21
      8. Himnewosii fi Pilaaxos, 2Xim. 2:16-18
      9. Demaas, 2Xim. 4:10
      10. barsiisota sobaa, 2Phex. 2:19-22; Yihudaa ww. 12-19
      11. farra Kiristoosotaa, 1Yoh. 2:18-19
   C. Amantii ija hin qabne
      1. 1Qor. 3:10-15
      2. 2Phex. 1:8-11

Nuyi darbee darbeeti kan waa'ee kitaabota kanaa yaadnu, sababni isaas ti'oolojiin tooftaa keenya (calvinism, Arminianixm, kkf) deebiiwwan itti gaafatama qaban aarsaa godhaniifi. Maaloo sababan mata duree kana kaaseef dursitanii natti hinmurteessinaa. Itti gaafatamni koo adeemsa qindaa'ina sirrii ta'eedha. Nuyi Macaafni Qulqulluun akka nutti dubbatu gochuu qabna malee, gara ti'oolojii yeroo ammaatti isa bobbocuu yaaluu hin

qabnu.  Inni kun yeroo baay'ee kan nama dhikkubsuu fi nama naasisu sababni isaas ti'oolojiin keenya irra jireenyi isaa kan gartuuwwan amantii, kan addaa, ykn kan walitti firoomaa (warr, hiriyaa lubaa) malee kan Macaafa Qulqulluu miti.  Namoonni Namoota Waaqayyoo keessaa tokko tokko gara Namoota Waaqayyoo ta'uu diisuutti ni jijjiiramu (Fak. Rom. 9:6).

**26:8** fakiduun kun (fakkii kaasuu) kan inni argisiisu kan lafa onnaa bakka iddoo bultii waaqeffanaati (Bau. 25-31, 36-40), booda irratti garuu gaara Mooriyaa irratti kan jiru mana qulqullummaa Yerusaaleem eeruu jalqabe. Innis YHWH n saba isaa gidduutti  kan jiraachaa turee dha (jechuun, qochoo *Kirubeeliin* gidduutti, gabatee kakuu isaa olitti, qulqulluu qulqullootaa). Duuka buutonni amanamoonni argamuu YHWH  ni yaadu (Far.23:6; 27:4-5).

Lakkoofsi 6 dabalataan godoo bultii isaa/mana qulqullummaati kan inni argisiiu (Far.24:3-4).

**26:11** ammam illee faarfattichi qulqulluu akka ta'e yoo amanees, YHWH n qulqulluu ta'uu isaa hundumtuu ta'uu dhiisuu isaanii ni beeka (Isa. 53:6; Rome. 1:18-3:18). Tokko gara tokkummaa YHWH tti lakkoofsa dhi'aateen, cubbuu dhuunfaaf of eeggachuu dabalata (jechuun, hir'isuu fi raawwachuu) dhugaa ta'aa. Far.19:11-14 dhugaa kana sirritti mul'isa.

**26:11**  wantoota kana irraan kan ka'e YHWH  gaafata

1. Akka oolchuu – BDB 804, KB 911, *Qal* IMPERATIVE, mata duree addaa ilaali Far.19:14
2. Akka isaaf garaa laafuu – BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE, Far.25:16

YHWH n akka isaaf faradu amana, kanaaf YHWH  eebbisa

1. Faarfannaadhaan, Far.26:7
2. Dhuga-baatiidhaan, 26:7
3. Eebbisuudhaan, 26:12 (BDB 138; KB 159, Peyil IMPERFECT)

**26:12 "Hawaasummaa"**  MT abbaa lakkoofsa baay'ee tit a'us garuu inni baay'ina simboo isaan fakkeenya ta'uu danda'a. NASB, TEV, NJB kan lakkoofsa qeenxeeti kan qaban. Kitaabni qulqulluun TEV kan lakkoofsa baay'ee "Kan waaqeessan" akka eeru godha (hiika Nooksi). Kan bifa lakkoofsa baay'ee kan inni ta'uu  asii fi Far.68:26 irratti qofadha.

▣ **"Gooftaa nan eebbisa"**  kun kan inni argisiisu inni tokko amantii YHWH n , amanachuu, fi amanamummaa isaa mul'inatti kan beeksiisuu dha (Rom. 10:19-13), bakka waaqeefannaa ta'uu danda'a.

## GAAFFILLEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. YHWH n yaadaa fi garaa akkamitti qora?
2. Lakkoofsa 6 barreessichi luba ta'uu isaa argisiisaa?
3. "Dinqisiisaa" jecha jedhu ibsi (lak. 7)
4. Lakkoofsa 12 jecha mataa keen ibsi.

# FAARFANNAA 27

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo irratti Amantii sodaa hin qabneef Faarfannaa<br><u>Seensa MT kan qabu</u> faarsaa Daawiit | Beeksisa amantii ifaa ta'e | Gocha kennuu fi kadhata oolfamuu | Kadhata galataa | Michoomina Waaqayyoo wajjin jiruuf sodaan hin jiru |
| 27:1-3 | 27:1-3 | 27:1 | 27:1 | 27:1 |
| | | 27:2 | 27:2-3 | 27:2 |
| | | 27:3 | | 27:3 |
| 27:4-6 | 27:4-5 | 27:4 | 27:4-6 | 27:4 |
| | | 27:5 | | 27:5 |
| | 27:6 | 27:6 | | 27:6 |
| | | | | 27:6c |
| 27:7-10 | 27:7-10 | 27:7-9a | 27:7-9a | 27:7-9a |
| | | 27:9ʌ-10 | 27:9ʌ-10 | 27:9ʌ-10 |
| 27:11-14 | 27:11-13 | 27:11-12 | 27:11-12 | 27:11-12 |
| | 27:14 | 27:13-14 | 27:13-14 | 27:13-14 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**FAARFANNAA 27**

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kan faarfannaa 26:8, 12; Far.27:4 fi Far.28:2 ergaan mana Waaqayyootti waan ta'eef (jechuun, iddoo bultii isaa yookaan mana qulqullummaa) isaan faarfannaan kun bakka tokkootti sababa ta'aniif ta'a. Faarfannaa 27 itti fufiinsa kan qabuu fi raawwii isaati "Osoo hin raafamiin waa'ee Waaqayyootti amanuu", kan faarfannaa 26:1 ergaa.

B. Faarfannaan kun wal cinaa bareedaa qaba.

C. Eenyu iyyuu sirritti hin beeku, ulaagaa heera isaa yookaan nama dhuunfa namoota kan itti marsan, faarfannaa bu'uureesuuf, akka beeknu (kanaaf keessaa iyyuu, guutummaa Kakuu Moofaa). Inni dursa-tilmaama amantiiti, jechuun hafuura qopheessuu fi adeemsa wal harkisuu geggeessuu isaa, inni qulqulluu dubbii isaa akka barreesse.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**MACAAFA FAARFANNAA: 27:1-3**

**1 Waaqayyo ifa koo ti, fayyina koo tis,**
**Yoos immoo eenyunan sodaadha ree?**
**Waaqayyo 'da'oo jireenya kootii ti,**
**Eenyu durattan pherpherama ree*!**
**2 Warri hamaa hojjetan**
**Ana nyaachuuf yommuu anattti dhi'aatan,**
**Warri na cunqursanii fi warri diina kootii**
**Ana irratti yommuu ka'an,**
**Ofuma isaaniitii gufatanii in kufu.**
**3 Duulli na marsee yoo bufate**
**Iyyuu, garaan koo hin sodaatu;**
**Lolli yoo anatti ka'e iyyuu, ani, hin shakku*.**

**27:1-3** Faarfannaan kun amalli isaa faarfattichaaf YHWH n maal akka ta'ee dha.

1. Ifa– BDB 21, jechuun, kun argisiisu kan inni danda'u:
   a. Qajeelfama – Fak. 6:23
   b. Geggeessaa – Far.43:3
   c. Argamu YHWH – Far.4:6; 44:3; 89:15
   d. Jireenyaa fi faayidaa isaa – Iyoob 33:28; Far.36:10; Mikiyaas 7:8, UBS kitaaba yaadannoo fuula 261 kan "Ifa" yaad-rimee fakkeenya cimaa dha, addunyaa duriitti. Dukkana ni sodaata. Ifni garuu eebba dha. Waaqayyoon akka nuura ifaatti hiikoota baay'ee qabaata (Isa. 60:1; 19-20; Mikiyaas 7:8; fi Yohannis 8:12).
2. Fayyina– BDB 447, kun argisiisuu kan inni danda'u
   a. Fayyina – Far.12:6; Iyoob 5:4, 11
   b. Eeguu – Far.50:23; 69:14; 85:7, 9
   c. Kattaa … – Far.95:1
   d. Gaanfa …. – Far.18:3
3. Hirkoo – BDB 731 (jechuun, bakka fayyinaa, Far.28:8; 31:2-3; 37:39-40; 2Sam.22:31-32)

"Kan ta'uu" gochamni lakkoofsa 1, hololo 1 fi 2 irratti hin jiru. Gochamoonni kan biroon IMPERFECTe dha (akka lak. 3) innis gocha adeemsa irra jiru kan dubbatu. Faallaa isaa hubadhu, waan hamaa kan godhan/mormitoota/ejjennoon dinootaa lak. 2 irratti. Ejjennoon isaanii (kan xumuraman) taa'eera.

Isaan gufataniiru kufaniirus. Gochamootni hin xumuramin lak. 3 irratti itti fufu. Jireenyi qorumsa mataa ishee, rakkinoonni, mudannoowwan qabdi, Waaqayyoon garuu yeroo hundumaa nu wajjinii fi kan keenya!

Tajaajillonni amanamoonni maal godhu, akkaata shaakala jireenya isaaniitiin, addunyaa kufe?

1. Hin sodaatan, lak. 1, 3 (BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT)
2. Hin naa'an, lak. 1 (BDB 808, KB 922, *Qal* IMPERFECT, Far.118:6; Rome. 8:31)
3. Ni amanatu, lak. 3 (BDB 105, KB 120, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE)

Amantiin dhugaan Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhuunfaati, biyya lafaa haaraa, tooftaa jireenyaa haaraa (Rom. 8:31-39)! Kun hundumtuu ni danda'ama amala fi mul'ata irraa kan ka'e. Inni nu wajjinii fi nuufii dha, kanaaf walitti dhuufeenya keenya guyyaa guyyaa wajjin akka jiraatu barbaada, addunyaa kufeetti, namoota cubbamoota wajjin illee yoo ta'e!

**27:2** mormitoota ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan jecha hubadhu.

1. Hamaa kan godhan, lak. 2 – BDB 949, KB 1269, *Hiphil* keeyata Booz
2. Mormitoota, lak. 2, 12 – BDB 865 III
3. Dinoota, lak. 2, 6 – BDB 33, KB 38, jecha keeyata Booz

Isaan "Gufataniiru" "kufaniiruus" (Erm. 50:52). Jechoonni lamaan kan xumuramanii dha. Carraan isaanii fi firdiin isaani duraan dursee akka ta'an ni mul'atu! Xumurri isaanii amansiisaa dha!

▣ **"Foon koo akka nyaataniif"** TEV "na ajjeessuuf" kan jedhu qaba, kanaaf kun humna fakiiduuti (Far.14:4). Innis warra hamaa godhan akka bineensa lafa honnaa akka hojjetan kan argisiisu!

NRSV n akka jedhu, hiiki isaa "maqaa balleessuu' dha (jechuun, "hammachu," Dan. 3:8 irratti hundaa'uudhaan), NRSVn baay'inaan hiiki isaa akkuma jirutti fayyadama.

**27:3** lakkoofsi kun ciminaan kan inni argisiisu faarfattichi mooti ta'u isaati. Kan Faarfannaa 1-41 akkaataan haala barreefamichaa akka ibsutti Daawit ta'uu isaati.

"Loltuudhaan" (הנחמ BDB 334) fi "naannoo" (הנחת BDB 333) gidduu kan jiru tapha jechaa hubadhu. Warri akkasi taphni jechaa ciigoo Ibirootaa ierratti yeroo hunda ni ta'u.

## MACAAFA FAARFANNAA: 27:4-6

**4 Ani Waaqayyoon waan tokkicha nan kadhadha,**
**Isas argachuu nan barbaada;**
**Innis, bara jireenya koo hundumaa**
**Mana Waaqayyo keessa jiraachuu,**
**Gaarummaa Waaqayyo hojjetu ilaaluu,**
**Mana qulqullummaa isaa**
**Keessattis isa yaadachuu dha*.**
**5 Inni guyyaa wanti hamaan anairra ga'utti**
**Mana isaa keessa na kaa'ata,**
**Suuqa godoo isaa keessa na dhoksa,**
**Nagaattis kattaatti ol na baasa*.**
**6 Ammas diinota naannoo koo jiran irratti**

> **Mataan koo ol in jedha,**
>
> **Anis sagalee gammachuu dhageessisaa,**
>
> **Godoo isaa keessatti qalma nan dhi'eessa;**
>
> **Faarfannaadhaan Waaqayyoon nan faarfadha,**
>
> **Sagalee mi'a faarfannaa garaa garaas nan dhageessisa.**

**27:4-6** faarfattichi duraa fi aantee gaafillee kadhataa tarreessa. Kan xumuramanii fi kan hin xumuramiin gochamoota wal cinaa hubadhu.

1. "Kanan amanadhu" – BDB 981, KB 1371, *Qal* PERFECT, gocha xumurame eera
2. "Nan barbaada" – BDB 134, KB 152, *Peil* IMPERFECT, itti fufiinsa kan qabu jireenya kadhataa cimaa argisiisa

Faarfannaa hiikuudhaaf yaadachuun kan nurra jiraatu isaan gaaffiilleen kun raawwii lamaaf akka tajaajilanii dha.

1. Isaan garaa fi yaada callaqisiisu (jechuun,addunya bara haaraa, Hiz. 36:22-38) kan duuka buutuu amanamaa
2. Isaan ni faalleessu, akkasumas gara duuka butoota sobduu fi yaada isaanii ifatti mul'isu

Geggeessaan Waaqayyoo kan morman Waaqayyoon ni mormu! Kan mul'atu ijaa ba'uu miti, ta'us garuu firdii fi amala Waaqayyoo mul'isuu dha!

**27:4** gaaffiilee jabaa ta'aan hubadhu.

1. Akka jiraatuuf (*Qal* INFINITIVE CONSTRUCT) mana gooftaa keessa bara jireenya koo hundumaa (Far. 23:6)
2. Waaqayyoon kan hin gammachiifne (*Qal* INFINITIVE CONSTRUCT, yeroo hundumaa mul'ata raajiitiin faayidaa irra kan oolu, BDB 302) akka ilaaluuf, (yaadannoo kanaa gadi ilaali)
3. Mana qulqullummaa isaa akka ilaaluuf (*Piel* INFINITIVE CONSTRUCT)

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV, JPSOE**

| | |
|---|---|
| REB | "**bareedina"** |
| **NASB miljlee** | **"kan nama gammachiisu"** |
| **LXX** | **"gammachiisaa"** |
| **TEV** | **"gaarummaa"** |
| **NJB** | **"gammachiisaa"** |

Jecha Ibirootaa (BDB 653) bu'uura irraa hiiki isaa "gammachiisaa," "kan nama gammachiisu" dha. Maqaan isaa baay'inaan fakkeenyaaf faayidaa irra ooleera, kanaaf wantootni adda addaa baay'ee mul'isu. Akkaataa haala barreefamichaatiin mul'ata Waaqayyoo yookaan jireenya booddee mul'isuu danda'a. innis "gaarummaa" wajjin wal cinaa dha (BDB 375) lak. 13 irratti, innis immoo Waaqayyoo wajjin yoommessa guutuu (bakka) ni mul'isu.

Asitti jecha kanaaf fakkeenya irratti fakkeennoo akkaataa fayyadamaa qaba.

1. Maqaa – Fak. 3:17; 15:26; 16:21
2. Addeessa – Fak. 22:18; 23:8, 24:4
3. Gochama – Fak. 2:10; 9:17; 24:25

**27:5** bu'aawwan kadhataa:

1. YHWH ni dhokata (BDB 860, KB 1049, *Qal* IMPERFECT) mana qulqullummaa isaatti (Far.76:2) guyyaa rakkinaatti.
2. YHWH ni dhokata (BDB 711, KB 771, *Hiphil* IMPERFECT) godoo bakka iciiti.
3. YHWH n ol qaba (BDB 926, KB 1202, *Polel* IMPERFECT) kattaa isaa irratti (jechuun, YHWH n mataan isaa).

▣ Ana na ajaa'iba, Yihudootni durii lakkoofsa kana dursanii utuu eeranii

1. Manni qulqullummaa Baabiloonitti yoo kufef, Gibxi, Baabiloon ishee haara
2. Antikes IV Ipifenas (175– 164 Q. L. K) mana qulqullummaa isaa jeeqaa
3. Warri Roomaa mana qulqullummaa yeroo itti marsan, Tiitoo jalatti (bara haraaraa 70)

Yaadachuun kan nurra jiraatu abdiiwwan kitaaba qulqulluu dhiibbaa kan isaan qabaatan

1. Duuka buutota amanamoo
2. Waaqayyo akka abbaa kaayyoo isa guddaatti seenaa irratti qofa dha

**27:6** YHWH n kana yoo deebise karaa ajaa'ibsiisaan gaaffii faarfattichaa fi deebii waan kenneef (jechuun, "Dinoota koo irratti mataa ko ol qabe")

1. Inni aarsaa dhi'eessa, iyya gammachuu ("aarsaa iyya gammachuu", lakkoofsi kana fakkaataan kan isaan argisiisan Yihudootaan faayidaa irra oolaa kan ture aarsaa haasaati, manni qulqullummaa isaanii erga digaame booda,
2. Inni ulfina YHWH f ni faarfata

Gochamoonni walitti hirkatoon sadii bakka kanatti argamu. Faarfattichi ni amana, bakka argama YHWH akka ta'u (jechuun, mana qulqullummaa).

1. Aarsaan dhi'eessa – BDB 256, KB 261, *Qal*
2. Nan faarfadha –BDB 1010, KB 1479, *Qal*
3. Galatan faarfadha – BDB 274, KB 273, *Peil*

## MACAAFA FAARFANNAA:27:7-10

**7Yaa Waaqayyo, sagalee ani ittiin si**
**Waammadhu anaaf dhaga'i! araara anatti argisiisi,**
**Kadhata koos anaaf dhaggeeffadhu!**
**8Ati, "Fuula koo barbaaddadhu!" akka jette,**
**Yaadni garaa koo anatti in hima;**
**Ammas ani fuula kee nan**
**Barbaaddadha, yaa Waaqayyo*.**
**9Fuula kee ana duraa hin dhoksin,**
**Garbicha kee dheekmsaan of irraa hin deebisin!**
**Ati gargaarsa anaaf taateetta;**
**Ana hin gatin, ana hin dhiisinis,**
**Yaa Waaqayyo fayyina ko!**
**10Abbaan koo fi haati koo yommuu na dhiisan,**
**Waaqayyo immoo simee ana in fudhata.**

**27:7-10** Faarfannaa irratti yeroo hundumaa, buusaa addaatiin kan dursan xiyyaafannoo yookaan ergaa irra deebi'uu. Kunis ibsamuu danda'a, akka

1. Ta'I jedhamee kan godhame wal cinnii sadrkaan kan biraan
2. Adeemsa qopheessuu, achi irraas
   a. Jechoota
   b. Ergaawwan
   c. Haala (gaadiduu)
   d. Gochawwan

Isaanis sagaleedhaan, hiikaan, yookaan wal fakkeenya hafuuraa ta'u, bakka tokkotti ramadamu, qopheesitoota duubaatiin/warra cimsan.

**27:7 "Dhaga'u ….iyya"** jechi jalqabaa IMPERATIVE dha (BDB 1033, KB 1570), faarfannaa irratti baay'ee kan baratame, Waaqayyoon akka kadhachuu. Gochamni lammaffaan "iyya" (BDB 894, KB 1128, *Qal* IMPERFECT), dabalataan kadhata eera.

Kun lak. 4 xiyyaafannoon irra deebi'a.

Haala gaaffii kadhatichaa

1. Natti araarami – BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE
2. Na deebissi – BDB 772, KB 851, *Qal* IMPERATIVE

**27:8** NASB fi NKJV gaaleen seensaa Itaalikisitti akka jedheen hubadhu (jechuun, "ati yeroo jetetti"), innis kutaa barreefama Ibirootaa akka hin taane kan argisiisu. NRSV fi NJB hiikawwan, inni dubbatuu faarfatticha akka ta'eetti kan isaan tilmaaman.

"Barbaaduu" gochamni jedhu (BDB 134, KB 152) irra deebi'amera

1. Seensa jalqabaa irratti *Qal* IMPERATIVE (kan baay'ee)
2. lammaffaan *Peil* IMPERFECT (qeenxee, seensa gochamaa, kan lak. 8 dabalataan qeenxee dha)

Isaan bakka bu'aa kan jiran YHWH dhaa fi faarffatticha gidduu dubbii jiruu dha. Inni tokkoo ni waama, kan biraan haala ta'uun deebii ni kenna. "Barbaaduu" kan jedhu gochamni kan inni mul'isu waamicha walitti dhufeenya dhuunfaati (Far.24:6, Kes. 4:29), kunis waaqefannaa fi abboomamuu kan ibsu. Faarfannaa kanaan, sababa kadhata irratti xiyyaafannoo kenneef, lak. 4 fi 7 wajjin wal cina ta'uu danda'a.

▣ **"Fuuldura"** kun ciigoo Ibirootaati, walitti dhufeenya dhuunfaa dhi'oo (Far.24:6), achis "Barbaaduu" fi "Fuula" wali wajjin kan ta'an.

**27:9** duraa fi aantee kan ta'aan gochamoonni dhiibbaan jiru, faarfattichii YHWH akka hin gooneef kan inni gaaffatu wantoota kan argisiisu.

1. Fuula kee na duraa hin dhoksin – BDB 711, KB 771, *Hiphil* JUSSIVE, Far.69:17; 102:2; 143:7
2. Dheekamtee garbicha kee irraa achi hin siqin – BDB 639, KB 692, *Hiphil* JUSSIVE
3. Na hin gatin – BDB 643, KB 693, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole, Far.94:14, duuka buutuu amanamaa ta'uu isaanii amma hin dhaabneetti (Erm. 12:7)
4. Na hin dhiisin – BDB 736, KB 806, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole

Gaaffiiwwan kana hunduma of keessatti kan qabate wantoota dhuunfaa hubadhu!

**27:10**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"..f"** |
| **NKJV** | **"yoom** |
| **NRSV** | **"akka"** |
| **TEV** | **"ta'u kan danda'u"** |

**NJB,JPSOE**
**REB "baga"**
**Kitaaba qulqulluu TEV "ta'us"**

Seensi gochama maqa-dhaal (BDB 471-475) dirree hiikaa bal'aa ta'e qaba. Akkaataa haala barreefamaa qofa dha hiika kan murteessu.

▣ **"Haati koo fi abbaan koo na dhiisaniiru,"** kun gochama wal- fakkaataa ta'ee dha, 27:9 irratti faayidaa irra kan oole. Ammam illee hiikaan gaalee kanaa ifaa yoo hin taanes, hiiki isaa ifaa dha. Hiriyaan dhi'oon namaa yookaan maatiin dhiisuu danda'a, garuu Waaqni kakuu raawwatee hin dhiisu (Kes. 31:6; Iya. 1:5; Isa. 49:15; Ibr. 13:5)!

Kitaaba yaadannoo UBS (fuula 266) akka eeruutti TEV, NJB, REB lakkoofsicha kan fudhatan akka gosa ibsa yaad-rimeetti, tuqaa barreefamaa cimaa kaa'uudhaaf, sirritti dhiisuu osoo hin taane.

Inni tokko ajaa'ibsifachuu danda'a, kun abdii YHWH kan callaqqisiisu yoo ta'e, Daawitii fi sanyii isaatiif kan kenne, 2Sam. 7 irratti. Lakk. 13 , 2Sam. 7:27 wajjin walitti dhufuu danda'a.

## MACAAFA FAARFANNAA :27:11-14

**11 Karaa kee na barsiisi, yaa Waaqayyo!**
**Sababii warri adeemsa koo caqasan jiraniif,**
**Ati daandii qajeelaa irra na geggeessi*!**
**12 Warri sobaan dhugaa ba'an dubbii hamaa afaan isaanii**
**Keessaa gad jijjigsaa ana irratti waan ka'aniif,**
**Fedha dinoota kootiitti ana hin kennin*!**
**13 Haa ta'u iyyuu malee, biyya warra jiraatoo sanatti**
**Waaqayyo gaarii ta'uu isaa arguuf**
**Akkan jiru nan amanadha.**
**14 Waaqayyoon eeggadhu, jabaadhus!**
**Laphee jabaadhu, Waayyoonis eeggadhu!**

**27:11-14** buusaan kun kan jalqabaa gaaffii kadhataa dabalataati (lak. 11-12), gara dhuga baatii amanttiiti kan geessu (lak. 13), kanaaf gorsa gaariidhaan guduunfa (lak. 14).

**27:11-12** gaaffiillee kadhataa

1. Karaa kee na barsiisi –BDB 434, KB 436, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.25:4-5; 86:11
2. Karaa qajeelaa irra na geggeessi – BDB 634, KB 685, *Qal* IMPERATIVE, Kes. 5:32-33; 31:29; Far.5:8; 26:12; 139:14; kun dubeessa Kakuu Moofaa kan qabuu dha, mana qulqullummaa "karaa," jedhamte kan ittiin waamamtu HoE. 9:2; 18:25; 19:9; 23; 22:4; 24:14, 22; Yoh. 14:6
3. Fedha diinota kootti na hin kennin – BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa qabuun faayidaa irra kan oole faarfattichi sababa lama kenna, waa'ee kadhata isaa, buusaa kana irratti.

1. Waa'ee dinoota koo ("marsanii kan na eegan") , lak. 11
2. Dhuga-baatootni sobduun ana irratti waan ka'aniif , lak. 12

**27:13** lakkoofsi kun amantii faarfatticha mul'isa ("Nan amana" –BDB 52, KB63, *Hiphil* PERFECT) fi bara duriitti akka jiru amana

1. Fuuli kee jireenya kanaan, YHWH irraa kan ka'e

2. Jireenya itti fufuu YHWH wajjin lafa bara baraan jiraatuutti (Iyoob. 14:7-12, 13-14; 19:25-27; Far.16:10; 49:15; 73:24; 116:8-9; 142:5; Isa. 25:8; 26:19; 38:11)

**27:14** amantii fi bara jireenya faarfattichaa irraan kan ka'e kan biro gorsa

1. Gooftaa akka eegan – BDB 875, KB 1082, *Peil* IMPERATIVE, Far.25:3; 37:34; 40:1; 62:1, 5; 130:5; Fak. 20:22; Isa. 8:17; 25:9; 33:2
2. Cimoo akka ta'an – BDB 304, KB 302, *Qal* IMPERATIVE, Far.31:24
3. Garaan keessan ha jajjabatuu – BDB 54: KB 65, *Hiphil* JUSSIVE
4. Gooftaa akka eegan – BDB lak. 1 wajjin wal fakkaataa

Beektootni tokko tokkoo (Niidoot, jildi 1, fuula 439) lak. 14 ilaali akka

1. Of gorsuu
2. Ibsa lubbummaa, mana qulqulluummaatti kan kenname

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. "Sodaan" akkamitti jecha furtuu ta'aa, buusaa jalqabaatti?
2. Lakkoofsi 2 fi faarfannaan 23:6 wal fakkeenyi sagalee isaanii, tokkummaan nuuraa kun maalii dhaa?
3. Lakkoofsa 4-6 waa'ee godoo iddoo bultiiti yookaan waa'ee mana qulqullummaa?
4. Lakkoofsi 9 baay'ee rakkisaa ta'uun isaa maaliif, Waaqani kakuu duuka butoota isaa ni dhiisee?
5. Lakkoofsa 10 kan inni jedhu maaliidha? Akkumma jiruutti yookaan fakiiduudhaan?

# FAARFANNAA 28

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhata gargaarsaa galata deebiisaatiif Seensa MT kan qabu faarsaa Daawiit | Kadhata deebii argateef galata | Diinota dhuufaa irraa ooluuf kadhata(boo'icha) | Kadhata birmannaaf | Kadhataa fi galata dhiyeessuu |
| 28:1-5 | 28:1-2 | 28:1-2 | 28:1-3 | 28:1 |
| | | | | 28:2 |
| | 28:3-5 | 28:3-5 | | 28:3 |
| | | | 28:4-5 | 28:4 |
| 28:6-9 | | | | 28:5 |
| | 28:6-7 | 28:6-7 | 28:6-7 | 28:6 |
| | | | | 28:7 |
| | 28:8-9 | 28:8-9 | 28:8-9 | 28:8-9 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 28:1-5

**[1] Yaa Waaqayyo, si kattaa jabaa kootti nan iyyadha,**

**Ati ana jalaa hin didin!**

**Akka warra boollatti gad bu’anii akka ani hin taanetti,**

**Ati ana jalaa calluma hin jedhin!**

**2 Harka koo mana qulqullummaa kee keessaa**

**Gara iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluutti,**

**Yeroon ol kaafadhu sagalee himata koo**

**Isa ani gargaarsaaf sitti iyyadhu, anaaf dhaga’i!**

**3 Warra jal’ootaa wajjin, warra hamaa godhan wajjinis**

**Ana hin butin! Isaan garaa isaanitti hamaa in yaadu,**

**Afaaniin immoo nagaa namatti in dubbatu.**

**4 Ati akka hojii isaaniitti isaanif kenni,**

**Akka hojii harka isaanitti isaaniif kenni,**

**Amala isaan argisiisaniif waan ta’u isaanitti deebisi!**

**5 Isaan gocha Waaqayyoo yookiis**

**Isa harki isaa hojjete waan hin ilaalleef, inni isaan**

**In diiga malee, deebi’ee isaan hin ijaaru*.**

**28:1-5** buusaawwan akkamitti qoqooduun akka ta’utti faarfannaa kana irratti wali galuu dhabuun jira (kan boqonnaa kanaa kallatti fuula duraa isaa ilaali). NASB Lk. 1-5, 6-9 qaba, kanaaf isan fayyadama. Buusaan jalqabaa wawwaana dha inni lammaffaan faarfannaa galata dhi’eessuuti.

Faarfattichi ni kadhata

1. Yeroo kadhatu YHWH n akka isa dhaga’uuf
2. YHWH n akka jal’ootaatti akka isa hin baafne

Lakkoofsa 4 irratti xiyyaafannoowwan sadi fayyadama, Waaqayyo hamoota irratti gochuun kan irra jiraatu ibsuudhaaf.

1. Isaaniif kenni (BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE) akka hojii isaaniitti (Iyoob 34:11; Far.62:12; Fak. 24:12; Lalaba. 12:14; Erm. 17:10; 32:19; Mat. 16:27; 25:31-46; Rom. 2:6; 14:12; 1Qor. 3:8; 2:qor. 5:10; Gala. 6:7-10; 2Xim. 4:14; 1Phex. 1:17; Mul. 2:23; 20:12; 22:12)
2. Akka adeemsa isaanitti hamaa isaaniif kenni (gochamichi ni ta’a jedhamee kan tilmaamamu lak. 1 dha)
3. Isaaniif kenni (akka lak. 1 gochama wal fakkaataa) akka hojii harka isaaniitti (“hojii harka isaanii”)
4. Isaan qoodi (BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE) kaffaltii caarraquu (“liqii” BDB 168)

**28:1 “Kattaa koo”** kun kan nuura (fakkii) kan inni dubbatu kan bara baraa, jabaa, qulqulluu, hirkoo dha (Far.18:2 irratti yaadannoo guutuu ilaali).

▣ **“Hin godhin…”** isaan lamaan IMPERFECT, bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan isaan oolan.

1. Dhaga’I – cal hin jedhin, BDB 361 II, Far.35:22; 39:12; 83:1; 109:1 (“Cal jechuu” wajjin wal cina BDB 364)
2. Lak. 2 – na hin gatiin, BDB 604 (jechuun, akka bineeldaa yookaan hidhamaa loltuu ta’uu danda’a)

▣ **“Boolla”** jechi isaa (BDB 92, Far.88:4; 143:7; Fak. 28:17) Si’ool wajjin wal fakkaataa dha. Mata duree addaa ilaali: warri du’an eessa jiruu? Far.1:5 irratti. Inis walitti dhufuu kan danda’u

1. Hawaala qotame (Isa. 14:9; Hiz. 32:25)
2. Boola lafa ol ka’aa irraa hawaalchaaf
3. Babala gara *si’oolitti* geessuu (Far.30:4; Fak. 1:12; Isa. 14:15; 3818; Hiz. 26:20)

**28:2 “Gara mana qulqullummaa iddoo bultiitti yeroon harka koo kaasseeti,”** mallattoon harkaa kun hiikawwan baay’ee qabu.

1. Gocha eebbisuu, aarsaadhaan booda, lubaa irraa– Lew. 9:22 (jechuun, aarsaan tokko tokkoo gara YHWH tti ol ba’u)
2. Karaa waaqeeffataatiin gocha godhamu, aarsaa ixaanaa booda – Far.141:2
3. Mallattoo gara mana qulqullummaatii harka kaasuu – Far.134:2
4. Qaama gocha kadhataa, harkawwan ol in kaafamu, Bau. 9:29 (Musee), 1Mot. 8:22 (Salomon), Far.Erm. 2:19; 3:41 (Israa’eel), Luqaas 24:50 (Yesus), 1Xim. 2:8 (amantoota)
5. Mallattoo harka kaasuu galataaf, waaqeffannaa, yookaan dhuga-baatii waltajjii – Far.63:4
6. Karaa humni YHWH ittiin mul’atu, ullichi harka Museetti yeroo ol kaafameetti (Bau. 17:8-12)

Asitti fakkeenyummaan hiika isaati jireenya qulqulluu dha (1Xim. 2:8), Waaqayyoof jireenya banaa ta’e, fedha isaas Waaqayyo irraa fudhachuu kan hubatu (fayyadama alta’aa ilaali Far.44:20 irratti).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“gara qulqulluu iddoo bulti kee”** |
| **NASB miil- jala** | |
| **NRSV yaadannoo miil- jala** | **“gara bakka isa keessatti”** |
| **NJB** | **“qulqulluu qulqullootaa”** |
| **JPSOE** | **“gara mana qulqullummaa keessaa”** |
| **LXX** | **“xadecha”** |
| **REB** | **“mana qulqullummaa”** |

Jechi Ibirootaa kun (BDB 184 I) bu’uura irraa hiiki isaa “kutaa duubaa,” “kan keessaa” dha. 1Mot. 6:16, 19, 20, 21, 22, 23, 31; 7:49; 8:6, 8 kan inni argisiisu qulqulluu qulqullootaati (Bau. 26:31-35), achittis gabateen kakuu Solomooniin *Krubeel* gurguddoo gidduu kan dhaabbate.

Duuka butoonni amanamoon Kakuu Moofaatti mana qulqullummaa isaa fuul-dura ta’u (1Mot. 8, kadhata Solomoon isa guddaa, eebba mana qulqullummaa irratti) yeroo kadhatanitti, sababni isaa YHWH n kan inni bulu achi waan tureef. Gabateen kakuu YHWH dhaaf ejjeta miila isaa ture.

Ta’us, Kakuu Haaraatti, Waaqayyo bakka hundumaa jira (Yoh. 4:20-24). Manni qulqullummaan haaraan Yesuus dha (Yohaannis 2:19,21)!

**28:3,5 “Sababa…”** lakkoofsa 3 fi 5 gochawwaan hamoo fi yaada isaanii tarreessa (jechuun, gochaan kan mul’atu faalla warra hin amannee).

1. Hamaa kan godhan, lak. 3
2. Hiriyaa isaanitti nagaa kan dubbatan garuu bakka jiranitti hameenya kan yaadan (mata-duree addaa ilaali Far.4:7 irratti)
3. Hojii Waaqayyoo warra hin ilaalle, lak. 5 (namoota Waaqayyoo “ilaaluu” isaan irra jiraata, inni maal akka ta’e, waan godheen, Kes.32:7; Far.107:43; Erm. 2:10; Hos. 14:9)
4. Hojii Waaqayyo kan hin ilaallee (wal cina), lak. 5, Isa. 512

**28:5** kan lak. 5 hololon dhumaa kan nutti himu Waaqayyoo maal akka isaan irratti godhu (Erm. 1:10 wajjin wal madaalchiisi).

1. Isaan diiga – BDB 248, KB 256, *Qal* IMPERFECT, lak. 5

2. Isaan hin hojjetu – BDB 124, KB 139, *Qal* IMPERFECT, bifa Alta'aan, lak. 5

Kan lak. 5 sadanuu IMPERFECT kan ibsan kan isa hamaa hojii itti fufeenya qabuu dha. Amallii jireenya isaanii Waaqayyoon dhiisuu fi kan biroo miidhuu dha, kanaaf, firdiin Waaqayyo itti fufeera (jechuun, badiisa irra deddeebi'aa, Isa. 6:9-10; Erm. 1:10).

**MACAAFA FAARFANNAA: 28:6-9**

**6 Sagalee himata kootii waan anaaf**
**Dhaga'eef, Waaqayyoon nan jajadha!**
**7 Waaqayyo aangoo koo ti, gaachana ko tis,**
**Garaan koo isa in amanita;**
**Ani gargaarsa argadheera,**
**Kanaafis garaan koo in ililcha;**
**Faarfannaa kootonis galata isaaf nan galcha.**
**8 Waaqayyo aangoo saba isaatii ti,**
**Isa ofii dibee moosiseefis**
**Gargaarsaa fi da'oo dha*.**
**9 Ati saba kee oolchi, warra kan keetiis eebbisi!**
**Bara baraan tiksee isaanii ta'iif,**
**Ol fuudhii isaan baadhuus!**

**28:6-9** jijjirama kallatti hundee irraa ta'ee lak. 6 irratti ta'a. buusaan kun ni hariifata, sababa eebbisuu YHWH f (lak. 6a).

1. Kadhata isaa dhaga'eera
2. Inni lammanuuti, jabinaa fi gaachana isaa
3. Kan inni amanatuu dha

Lakkoofsa 8 fi 9 irratti xiyyaafannoo jijjira, mootii irraa (jechuun, "kan dibame") gara saba kakuu isaatti. YHWH n mooticha akka jabeesse, amma immoo saba isaa ni fayyisa! Kun kan qeenxee fi jijjiraa baay'ee faarfannaa irratti kan baratamee dha.

▣ **"Waaqayyoof ha galatu"** kun ergaa irra deeddebi'aa dha, faarfannaa irratti. Inni duuka buutota amanammoo galateefata, sababa baay'een, ta'us garuu hunduu deebi'anii ni dhufu, gara isaa fi gara inni godheetti! Gaaleen kun seera Waaqeeffannaa baraa ta'eera (Far.18:46; 28:6; 31:21; 41:13; 66:20; 68:35; 72:18; 89:52; 106:48; 119:12; 124:6; 135:21; 144:1). Hafuura kan qabu hunduu Waaqayyoon ha gallateefatu!

**28:7** lakkoofsa 3 fi 5 hamaa akka ibsan, lakkoofsa 7 duuka buutuu amanammoo ibsa.

1. Lapheen isaa isatti amana – BDB 105, KB 1200, *Qal* PERFECT, Far.112:7 (walitti dhufeenya hafuuraa hubadhu, amantaa namootaa fi hafuuraan fayyuu/fayyina gidduu kan jiru Far.22:4-5; 25:1-3; 28:7; 31:14-15; 86:2; Niidoot, jildii1, fuula 646 irratti yaadannoo jiru ilaali)
2. Inni Waaqayyoon gargaarameera – BDB 740, KB 810, *Niphal* PERFECT
3. Garaan isaa gammadeera – BDB 759, KB 831, *Qal* PERFECT gatii isaa wajjin
4. Inni faarfannaadhaan gallateefata – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT (galata itti fufe)

Waa'ee MT yookaan LXX yaada gababaa kennuun. Tarii barreefama Ibirootaa durii jiraachuu danda'a, lammanuun booda. MSS DSS jira, MT duukaa kan bu'u, kan biroon LXX duukaa kan bu'an. Waldaan kiristaanaa ishee durii LXX guutuu guutuutti ta'uu yoo baates qofaa isheetti itti fayyadamaa turte. La. 7 fakkeenya gaarii dha, isaaniif adda kan ta'e hiiki barreefama Ibirootaa. LXX qaba (mata-duree addaa ilaali, AB fuula 173 irratti)

"Waaqayyo gargaaraa kooti, eegaa koo, garaan koo isa abdii godhateera,

Gargaaraa anaaf ta'eera, foon koos ni lalisa, fedhes nan gallateefadha."

▣ **"Gachana"** Far.3:3 irratti yaadannoo ilaali.

**28:8 "Kan isaanii"** barreefama pirojektii UBS "kan sabaa" kan jedhu qaba, sadarkaa "C" (jechuun, shakkii sababaa).

1. Kan isaanii – למו (NJB, JPSOE)
2. Kan sabichaa – לעמ (NRSV,TEV,NJB, REB)

Septuwajentiin lakkoofsa 2 fayyadama, barreefamootni harkaa Ibirootaa tokko tokkoo akka isaan godhan. Haala ifa ta'een, qubeen Ibirootaa tokko MT irratti hirkateera.

▣ **"Kan dibames"** mata duree addaa ilaali: Masihii Far.2:2 irratti. Fayyadamni wal fakkaataan Far.18:50 irratti ilaali.

**28:9** xiyyaafannoo duraa fi aantee ta'an ilaaleera, kadhataan YHWH dhaaf, akkaata saba kakuu isaan akka godhu isa akka kadhatu.

1. Fayyissi – BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.106:47
2. Eebbissi – BDB 138, KB 159, *Peil* IMPERATIVE
3. Tiksee – BDB 944, KB 1258, *Qal* IMPERATIVE (NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu [fuula 765] yaadni inni kennu "tiksee" Faarfannaa 23 wajjin wal qabata, fi tarii Faarfannaa 23-28 mallattoon itti godhameera, walitti qabama faaruu akka ta'e, ergaawwan barataman baay'ee kan wal qabatan)
4. Kaasuu (jechuun, "ol qabuu"), *Peil* IMPERATIVE, Isa. 40:11; 63:9

Faaruun baay'een xiyyaafannoo walitti qabameen ni cufamu (jechuun, Far.3:8; 15:7; 25:22; 29:11; 51:18-19; 130:8).

▣ **"Dhaala kee"** YHWH n gahee dhaalaa warra ormoota hundaaf kenneera (Kes. 32:9), ta'us garuu sanyiin Abirahaam isaaf saba adda ta'anii dha (Bau. 19:5-6; 1Mot. 8:51; Far.33:12). Innis kana argisiiseera, abdii isaa Ba'uu irratti Gibxii baasuudhaaf (Uma. 15:12-21). Inni humna isaa fi jaalala isaa argisiiseera (Kes. 9:29). Museen YHWH kadhateera, saba cubbamoo irratti akka murteessuu, waaqa tolfamaa kan waaqeessan waan hin hubanneef (Kes. 9:26-29). Saba isaa jechuun amala isaa ormootaaf akka mul'isuu dha (mata duree addaa ilaali kan Faarfannaa 2 seensa irratti). Ta'us garuu cubbuudhaa fi waaqa tolfamaa waaqeessuu yoo itti fufan dhiisuun ni jiraata (Far.10:40; Hiz. 36:22-23).

▣ **"Bara baraan"** mata-duree addaa ilaali: bara baraan, Faarfannaa 9:5 irratti.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

**1.** Kakuu Moofaatti ilaalchi du'aa maalii dha?

2. Lakkoofsa 4 dhugaa wal fakkaataa dha, akka Gala. 6:7?
3. Lakkoofsa 5 C Isa. 6:9-10 yookaan Erm. 1:10 wajjin walitti firooma?
4. Yaada namoota dhuunfaa fi haala kan callaqisiisan faaruuwwan kan waliini kan ta’an xiyyaafannoo maaliif walitti qabuu?

# FAARFANNAA 29

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Sagalee Waaqayyoo bubbicha irratti<br>Seensa MT kan qabu<br>Faarsaa Daawiiti | Galata Waaqayyoof qulqullina isaaf surraa | Jejannaa gooftaa bubbichaaf | Sagaleen Goofticha bubbicha irratti | Goofticha bubbichaaf galata |
| 29:1-2 | 29:1-2 | 29:1-2 | 29:1-2 | 29:1-2 |
| 29:3-9 | 29:3-4 | 29:3-4 | 29:3-4 | 29:3-4 |
| | 29:5-7 | 29:5-6 | 29:5-6 | 29:5-6 |
| | 29:8-9 | 29:7-8 | 29:7-9 | 29:7-9b |
| | 29:10-11 | 29:9 | | |
| 29:10-11 | | 29:10-11 | 29:10-11 | 29:9c-11 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun waa'ee argamuu uumamaati (jechuun, Waaqayyo of isaa mul'isa, tokkoon tokkoof, karaa uumamaan).
   1. Faarfannaa 19:1-6 (sagaleen callisuu uumamaan)
   2. Roome 1:19-23 (beekumsi Waaqayyoo uumama irraa)
   3. Rome. 2:14-16 (ragaa safuu keessaa)

B. Nuura faarfannichaatiif (fakkii kan kaasuu) walitti qabuuf ta'eera
   1. Jequumsa YHWH mo'uudhaaf, ka'umsa uumamaa irratti (jechuun, bishaan, 29:3, 10, "Lolaa" jechi jedhu [BDB 550] asi fi uumama irratti qofa dha kan inni ta'u boqonnaa 6-11)
   2. Humna YHWH dha'aa galaanaa irratti (29:3-9; Far.18:7; 15)

C. YHWH , Ba'aal osoo hin taane, bishaan ni mo'a, ni to'ata, kanaaf ni erga. Beektootni baay'een baay'ee isaanii wal fakkaatoo galmeesseera, faayidaa himtee biyyoolessaa (baha dhi'oo durii) og-barruu wajjin.

D. UBS kitaaba yaadannoo kan inni mirkaneessu faarfannaan kun kan itti fannifamu ta'uu isaati (fuula 275).
   1. Afran fayyadama YHWH , lak. 1-2 fi 10-11
   2. "Jabina" (BDB 738) lak. 1 fi 11 irratti
   3. Bishaanoota ilaaleera, lak. 3 fi 10 irratti
   4. Simboo YHWH neerameera, lak. 4 fi 10 irratti
   5. Mukootni eeramaniiru, lak. 5 fi 9 irratti
   6. Bakkoota lafa teessuma gaarii, lak. 6 fi 8 irratti

   As irratti rakkon koo, qaxamuurri baay'ee faayidaa kan qabu jecha hafuuraa gidduu dha kan inni teessisu, ta'u garuu lak. 7 garee kanan wal hin gitu.

E. Faarfannaan kun argisiisuu kan inni danda'u
   1. Argamuu YHWH ti, dha'aa galaanaa cimaa ta'ee fakkaatee yeroo mul'atu
   2. Kan amanatu garuu mo'Icha loltuuti (lak. 11)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**MACAAFA FAARFANNAA: 29:1-2**

**[1] Yaa warra waaqa irraa,**

**Waaqayyoof ulfina dhi'eessaa!**

**Aangoo Waaqayyoos beeksiisaa*!**

**[2] Ulfina maqaa isaatiif ta'u Waqayyoof dhi'eessaa!**

**Qulqullummaa akka mi'a miidhaginaatti**

**Naqadhaati Waaqayyoof sagadaa!**

**29:1-2 "Fidaa"** gochamni kun (BDB 396, KB 393, *Qal* IMPERATIVE) yeroo sadii hoji irra ooleera. Bu'uura irraa hiikli isaa "Waaqayyoof galata kennaa" dha (Kes. 32:3). Gareen wal fakkaataan kun immoo Faarfannaa 96:7-8 fi 1Sen. 16:28-29 irratti jira.

**29:1**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"ijoollee jaboo"** |
| **NKJB** | **"isin warri jaboon"** |
| **NRSV, TEV** | **"le'ii samii"** |
| **NJB,LXX** | **"ijoollee Waaqayyoo"** |
| **JPSOE** | **"argamuu hafuuraa"** |
| **REB** | **"isin humnooni ergamaa"** |

MT "Ijoollee waaqa tolfamaa" kan jedhu qaba ("ijoollee Eellii," BDB 119 caafema BDB 42). Innis waaqa tolfamaa argisiisa (Uma. 6:2 ["ijoollee Elo'iim"], Far.103:20-21) yookaan walga'ii waaqa tolfmaa samii (Bau. 15:11, 2Mot. 22:19; Far.82:1; 86:6-8).

Mata-duree addaa: ijoollee Waaqayyoo, asi gadi kan jiru ilaali.

## Mataduree addaa: "Ijoollee Waaqayyoo" Seera Uumamaa 6

A. "Ijoolleen Waaqayyoo" kan jedhu ibsa gaale kana ilalee walii galtee dhabuu guddaatuu jira. Hiikaa gurguddaa sadi qabu.
   1. Gaaleen kun kan agarsisuu Seeti sanyii gaarii ta'uu isaatti (Seera Uumamaa a 5, 4:14 irraatti kan

argamuu yadaannoo ilaali).
2. Gaaleen kun kan agarsiisu argamuu garee ergamootaatti.
3. Gaaleen kun kan agarsiisuu, bulchitoota kan ta’aani sanyii Waaqayyoo (Seera Uumamaa a :4)

B. Gaaleen kun sanyii Seet ta’uu isaatiif ragaan agarsiisuu
1. Seera Uumamaa a 4 fi 5 inni guddaan seenaan barreefama kana kan agarsisuu hidda dhaloota Qa’een isaa jal’a fi isaa filatama guddina sanyii Seet. Waan ta’eef raggaan barreeffama kana cinaan jiru gara isaa simbo-qabeessa sana gara sanyii Seet fakkaata.
2. Barsiisooni kutaa kana irratti hubanaan isaan qaban Murasii sanii Seetiin agarsisaa yeroo jedhan (baayeen saani garuu Ergamootaaf jedhu)
3. Gaalleen abba lakkofsaa baayee ta’e “Ijolleen Waaqayyoo” yeroo hunda argamuu Hergamoota Waaqayyootiif yoo ooleyyuu, yeroo tokko tokko ilmaan namootaa in ibsa.
   a. Seera keessa deebi 14:1– “ijoollee YHWH kan Waaqayyoo keessanii”
   b. Seera keessa deebi 32:5–” Ijoolle isaa”
   c. Seera keessa deebi 22:8-9; 21:6 (tarii Lewoota abba murtii)
   d. Farfaana 73:15–” Ijoollee kee”
   e. Hosee 1:10–” Ijoollee Waaqa jiraata”

C. Gaaleen kun argamuu Hergamoota fi raga argisisu
1. Kun baayee kan baratame keeyata aadaa hubachudha. Kutaan Seera Uumamaa a balinaan ilaalchuma kana degera. Hammeenya Uumamaa a ol ta’e akeeka Waaqayyoo Ilmaan namaatiif qabu mormudha (barsiisaan hinaaffarraan kan ka’ee jedhu).
2. Abba lakkofsaa baayee kan ta’e gaaleen (“Ijoollee Waaqayyoo” ) baayinaan kan xuqamee Hergamootafidha.
   a. Iyoob 1:6
   b. Iyoob 2:1
   c. Iyoob 38:7
   d. Faarfanna 29:1
   e. Faarfanna 89:6, 7
   f. Dani’eel 9:6
3. kitaaba dabalataa (kitabaa Henok I ) kan ta’e I Enoch 6:1-8:4; 12:4-6; 19:1-3; 21:1-10) kanaaf Jubilis (Iyoob 5:1) innis bara Kakuu Haaraatti kan turan amantoota biraatti baayee beekamadha. Seera Uumamaa a *Genesis Apocryphon* Dead Sea Scrolls irraa kana kan hikaan akka ergamaa fincilaatti. .
4. Boqonnaan 6 yadisaa kan inni fakkatu “namoonni jaboon bara durii turaan maqaan saani waamama turee” kanarra kan ka’ee kan dhufe Uumamaa akka malee walitti makkameedha.
5. Hiikaan Septu Agentuagint “Ijoollee Waaqayyoo” jedhuu ergamoota Waaqayyoo jedhee hiikera.
6. IHeenook immoo akka jedhuutti bishaan badisaa Noohi kan inni dhufe tokkumaan Ergamootaa(namoota innis YHWH dha. Akekaa Uumamaa af qabu wajjiin dinnumaa qabuu ballessuuf (I Enoch 7:1ff; 15:1ff; 86:1ff).
7. Barrefamn Uegaritiki ijoollee Waaqayyoo kan jedhu kan inni agarsisuu miseensa Hergamootatti (isaa xiqqaa argamuu hafuura)

D. Hidda dhaloota Qa’een motootaa fi hoganoota kan agarsisuu ragaan himaa kana
1. Ilaalcha kana kan degeru, hiika durii baayee qaba
   a. Hiika Onkkolos (Dhaloota Kiristos booda jaarraa lamma) ijoollee Waaqayyoo kan jedhuu ijoollee gooftootaa jedhe hiikeera.
   b. Symmachus (Dhaloota Kiristos booda jaarraa lamma) hiika Giriki Kakuun Moofaa ijoollee Waaqayyoo kan jedhu ijoollee moototaa jedhe hiikeera.
   c. Eeloyemin jecha jedhu geggesitoota Isira’eeliif ala ture (Seera ba’u 21: 6, 22:8, Faarfanna 82:1, 6), NEB fi TEV immoo Macaafa qulqulluu ilaali.
   d. Nifeeliim kan wal qabatu Gibooriin waliin Seera Uumamaa a 6:4, Giboorim Giboori yemmuu ta’uu hiikiisa” nama jaba jechuudha. Humnaan yookaan qabeenyaan.
   e. Hiika kanaaf ragaan kutaa Macafaa Qulqulluu jechoota cimaa (Hard Sayings of the Bible) fuula 106-108 irraa kan fuudhameedha.

E. Lamaan isaanii adeemsa isaan ittiin dhimma ba’an ragaa seenaa

1. Gaaleen kun kan agarsiisu Setitensidha.
   a. Cyril isa Aleksaandarichaa
   b. Theodoret
   c. Augustine
   d. Jerome
   e. Calvin
   f. Kyle
   g. Gleason Archer
   h. Watts
2. Gaaleen kun kan inni ibsu argamuu Hergamootatti
   a. barreesisoota Septu Agentuagint
   b. Philo
   c. Josephus (*Antiquities* 1.3.1)
   d. Justin Martyr
   e. Clement isa Alexandria
   f. Tertullian
   g. Origen
   h. Luther
   i. Delitzsch
   j. Hengstenberg
   k. Olford
   l. Westermann
   m. Wenham
   n. NET

F. Seera Uumamaa a 6:4 bira kan jiran "Nefilimoonni" "Ijoolle Waaqayyoo" fi "Ijoollee durbaa namaa" Seera Uumamaa a 6:1-2 wajjiin akkkamitti walitti firoomu?
Yadoota isaan kana hubadhu:

1. Isaan baayee dhedheerota (Seera Lakkoofsa13:33) Walqunaamti Ergamootaa fi dubartoota ilmaan namoota giduutti ta'e.
2. Rawwaatanii walitti hin firoomaan. Isaan kan ibsan waa'ee lafarra jiraachuu saanitti Seera Uumamaa a 6:1-2 ta'a ture isaa boodees i.
3. R. K. Harrison in *Introduction to the Old Testament*, fuula 557, kan inni hordofuu Kiripitik xiqsii qaba. "hundumaa gatiin isaani kan in tilmamamne kan Antropalojoota keessasa Hoomosapiyaanirra wajjiin qunaamti isaan qaban akkasumaas sanyii Addaam dura keeyatoota kanaan qabatee jiru akkasumaas beektoota kanaaf ejjennoo akka ta'u itti gargaramuu kan isaan hawwaan. "Kun anaaf kan inni agrsiisu, isaan ramaadi lamaan kana ilaalchisee akka gargar ba'an. kan nama (homaaniyudiis) ramadidha. kun kan agarsisuu kana booda Uumamaa a adda Addaami fi Heewanidha. garuudeebi'ee suuta jijjiraamuudhaan jijjirama kan dhufee Hoomo Iraaktesiinidha.

G. Barreefama walii hin galee kana dhuunfaa kooti akkaan hubaadheetti akkaan hubadhee ifaa gochuun koo sirrii nati fakkaata. tokkon hundumaa keenya hubaachisuuf kan inni barbaadu barreefamni Seera Uumamaa a gabaabadhaa fi wal fakkaatadha. Jalqaba warii Musee dhaga'aan dirqamaatti dabalata seenaa keessa qabachuu qaba. Yookaan Museen dubbi yookaan ragoota barreefamaan baraa Abbootarra fudhatee ta'u danda'a kun mataan isaa siriitti kan hin hubatamnedha. Dhimmii kun isaa guddaa mata duree barrumsa qo'annaa Waaqayyuma miti. Nutii yeroo hundumaa damaqoodha Macaafnii Qulqulluun cilancilli isa qofa kan inni kenne garuu dhimoota walfakkataan irraatti isaan akka wal fakkaataan kan gargar cicitee ragaa Macaafa Qulqulluu irratti hirkatee kan ibsamee barumsaa qo'annaa Waaqayyumma ijaaruudhaaf dadhabsisadha. Ragaan kun nuuf yoo barbaachiseeWaaqayyoo caaladhumaatti karaa ifaa ta'eef guutu nuuf kennuu danda'a ture. Ani dhuunfaa kooti kanaan amanuu Ergamootaa fi namootadha. sabaabinsa.

1. Dhaabatattii kamin illee yoo ta'e akka isaan hin hamatamnee yoo gochuu baatelle "gaaleen "Ijoollee Waaqayyoo" jedhuu Ergamootaaf Kakuu Moofaa Keessatti.
2. Septu Agentuagintiin (Alexandrian) kan inni hiikamee (Dhaloota Kiristoos duraa Jaarraa jalqabaa booda irratti) "Ijoolleen Waaqayyoo" akka "Hergamaa Waaqayyoo"
3. Kitaaba Apakaaliipiis 1Heenook (bara 200 Dhalooyta Kiristoos dura kan barrefamee kan ta'u) baayee kan adda ta'ee (pseudepigraphal ) kan innii agarsisuu Ergamootaan (Boqonnaa 6-7)
4. 2 Phexiroos 2 fi Yihudaa Hrgamootaaf, isaaniis cubbuu kan hojjeetaniif iddoo saanii kan hin eeganne tokko tokkoof kun kan Matewoos 20:30 irraa wajiin akka wal falleessuu nan beeka, garuu isaan addaa ta'aan Hergamootni kun samiirras ta'ee lafa irraas miti. Garuu mana hidhaa adda keessa jiru (*Tartarus*)
5. Ani akka natii fakkatuutti Seera Uumamaa a 1-11 irraatti kan argamaan dhugaan aaddaa wara biro keessatti dhoksaan argamuu isaa (kana jechuuniis ibsa wal fakkaataa ibsa Uumamaa a walfakkaata waa'ee bishaan badisaa, ergamootin dubartoota fudhachuu isaani ibsa wal fakkaata) namni

hundumtuu wali wajjiin ta'uu isaatiif yeroo sanaatti beekumsa waa'ee Yahiwee (Waaqayyoo) qaabachuu isaani yemmuu ta'u haa ta'uu malee Siidaan Babi'eel tamsa'uun booda dhugaan kun baduu isaatiin Waaqa tokkoo ol ta'ee gara Waaqessuuti jijjiruudha. Kanaaf fakkeeny gaarii kan ta'usena afaan Girikii yemmuu ta'uu innis walakaan isaa namaa walakkan isaa Uumamaa a ol kan ta'ee Titaanis kan jedhamaan gurgudoota Tartareesitti hidhamaniru. Kun maqaan ta'iin kun Macafaa qulqulluu keessatti fayiida irrra kan oole al tokko qofadha (1 Phexiroos. 2) mana isaani isa sirii kan hin eeganeErgamootaa bakka turmaata. Barsiisa barunssaa qo'anaa Waaqayyuumma addaas ramadii garee adda addaa hirmataniruu. Tolootaaf (Ganata) akkasumaas jalootaf rimidiinsaani (*Tartarus*).

▣ **"Ulfinaa fi human"** isaan jechoonni barataman kun lamaan YHWH dhaaf kan ta'anii dha.

1. Ulfina – BDB 458
2. Humna – BDB 738

**29:2 "Isaaf sagadaa"** kun kan afraffaatti duraa fi aantee xiyyaafannoo bantuu ("Sagadaa," BDB 1005, KB 295, Hishpaal IMPERATIVE). Kun dukka butuu amanamoon kan isaan godhanii dha, gara mana qulqullummaa seera qulqulluudhaan yeroo dhufan. Kun akkaataa uffannaa qofa miti kan inni of keessatti qabatu, amanamummaa kakuuti malee.

▣ **"Dhaga'aa"** kun karaa ciigooti, YHWH mataa isaa waabii gochuuf. Mata-duree addaa ilaali: maqaa YHWH Faarfannaa 5:11-12.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"seera mana qulqullummaa"** |
| **NKJV** | **"barreedina qulqullummaa"** |
| **NRSV, NJB** | **"simboo qulqulluu"** |
| **JPSOE, NJB, mudannoo** | **"qulqulluummaa simboodhaan"** |
| **REB, TEV** | **"uffanna qulqulluu ajaa'ibsiisaa"** |
| **LXX, Peshitaa** | **"xadecha qulqulluu isaan"** |

Gaaleen rakkisaan (BDB 214 caasefama BDB 871) dabalataan ni ta'a, akkaataa qabiyyee mana qulqullummaa sadii irratti (Far.96:9, 110:3; 1Sen. 16:29). TEV yaadannoo miila jalaa yaadamuu kan qaban sadii dhi'eessa, gaalicha hiikuudhaaf.

1. Inni (YHWH ) yeroo ta'eetti (Ugariti jalatti, TEV, jechuun, YHWH n mataan isaa, egaa kun Ba'uu irraa 19-20 mul'ata wajjin wal fakkaata)
2. Faayyaa waaqeeffannaa (meeshaa Aaroon karaa wal fakkaataani dha kan ibsamu. Bau. 28:2 irratti)
3. Mana qulqullummaa isaa bareedaa (LXX kan callaqisiisu fakkaata)

## MACAAFA FAARFANNAA: 29:3-9

3 **Sagaleen Waaqayyoo galaana irraa in dhaga'ama,**

**Waaqayyo inni ulfina-qabeessi in qaqawweesa'a;**

**Inni galaana gurguddaa irrattis**

**Waaqayyummaa isaa in argisiisa.**

4 **Sagaleen Waaqayyoo humnaan in**

**Dhaga'ama; sagaleen Waaqayyoo**

**Surraadhaan in sochoosa.**

5 **Sagaleen Waaqayyoo muka**

**Gaattiraa in caccabsa;**

**Waaqayyo muka gaattiraa tulloota**

**Libaanon in caccabsa.**

**6 Inni tulloota Libaanon akkajabbii, tulluu Siriyonis**

**Akka dibicha gafarsaaa in burraaqsisa*.**

**7 Sagaleen Waaqayyoo balaqqeessa**

**Akka ibiddaa in finiinsa;**

**8 Sagaleen Waaqayyoo lafa duwwaa in sochoosa,**

**Waaqayyo lafa duwwaa isa kan Qaadesh in sochoosa.**

**9 Sagaleen Waaqayyoo qilxuu of irra in naanneessa,**

**Mukkeetii caakkaa irraas baalaa fi dame in cira;**

**Mana qulqullummaa isaa keessatti immoo**

**Hundinuu hooqubaa in dhi'eessu.**

**29:3-9** buusaan kun "Sagalee Waaqayyootiin" guutameera. Isa ilaaluudhaaf karaan lama kan jiru fakkaata.

1. YHWH uumaan, lak. 3, 10 (Uumama 1, Far.93)
2. YHWH n Waaqa qilleensa jabaa fi bokkaa kan kennuu (lak. 3-9, jechuun, abbaa manummaa Ba'aaliin mormuudhaaf)

Amallii sagalee YHWH karaa ittiin ibsame hubadhu (lak. 4-9).

1. Humnaan (BDB 470)
2. Ulfinaan (hundee wal fakkaataa, lak. 2B, BDB 214)
3. Gaattirawwan ni caccabsa (gochama, BDB 990, KB 1402 lak. 5 irratti irra deebi'ameera)
4. Libaanoosii fi Siriyooniin (jechuun, gaara Armooniyeem, Kes. 3:9) ni utaalchiisa
5. Bakkkaa (Far.18:12; 14) mukoota ni guba
6. Lafa gogaas ni raasa (gochama, BDB 296, KB 297, Lak. 8 irratti irra deebi'ameera)
7. Borofawwan ni jabeessa
8. Bosonawwan ni mul'isa (BDB 362 I)
   Yaadachuun faayida qabeessa kan inni ta'uuf jecha dubbii faayida qabeessaa fi kan babal'isu ture, yaad-rimee hafuuraa Ibiroota duri.
   1. Uumamni jecha dubbiin –- Genesisi 1
   2. Human dubbii sagalee Waaqayyoo – Isa. 14:24; 25:1; 45:23; 46:10; 55:11; 59:21; Mat. 24:35
   3. Masihichi "Jecha" jedhamee waamameera, Yohannis 1:1-5, 14; Mul. 19:13 irratti
   4. Masihii lammafffaa debii'ee dhufuu kan nuuraa (fakkii kan kaasuu) arrabaaf firoota lamaan bil'aa qaramee – Mul. 1:16; 2:12

**29:6 "Libaanoos ….Siriyoon"** isaan kun lafa teesuma gaarii kan ibsanii dha, Kana'aan irraa lafatti abdii sana karaa kaabaan. "Siriyoon" jechi jedhu gaara Armoniyeemiif kan baratamee dha (Kes. 3:9). Sababa kanaaf ifaa kan ta'ee akkaataan qabiyyee barreefamaa yookaan "qilleensi" fakkeenya, beektootni ammayyaa baay'een faarfannaa kana kan isaan ilaalan, durummaan kan aadaa ta'e galannii irra deebiin akka hojjetamee dha (waaqa tolfamaa qilleensa galaana irraa Kana'aan). Barreefama *Raas-Shamiira* baay'een isaanii kan mo'aman nuuri Kakuu Moofaa mul'iseera, akkaata himtee Kana'aaniin. Barreesittoni Ibirootaa waaqefannaa waaqa tolfamaa ibsa isaanii fudhatanii gara labsii YHWH tti fi waamama isaati isaan jijjira. Inni Waaqa dhugaa fi qofaa isaa akka ta'e beekeera (mata-duree addaa ilaali: tokkummaa, Far.2:7 irratti).

Gaariidhaaf ibsa gabaabaa, yaada uumamaa bal'aa kitaaba qulqulluu IVB galmee jechaa nuuraa, fuula 169-174 ilaali.

**29:9 A** gochamni wal fakkaataan (BDB 296, KB 297) "ni jeeqa" kan jedhuun hiikameera, lak. 8 irratti (yeroo lama) kunoo amma waa'ee jabbii dhaluuf faayidaa irra ooleera (Iyoob 39:1) fi waa'ee Saaraan da'uu isheeti, Isa. 51:2 irratti.

Inni tokko wal cina wal fakkaataa eeguu yoo yaalu, 29:9B fi 29:5B gidduu, egaa “dubartii diimtuu—” (“hinds”) (MT, UBS pirojektii barreefamaa sadarkaa “B” kennaaf) gara “qiltuu dalaacha” (“oaks”) jijjiruutu irra jiraata (TEV, NJB, dubbifamaa walfakkaataa, jijjirama dubbachiiftootaa qofaaf). Kunnis kan godhameef harkifataan garee galagaltoodhaan itti fufsiisuuf yaaluu irraati.

Kitaabni qulqulluun TEV (fuula 885 lak. 21) sireefama godheera, “Bosona” gara “dubartii re’ee gaaraa”, walcinni wal fakkaataan lak. 9A fi 6 gidduu fiduudhaaf. JBSOE yaadannoo miila jalaa qaba, “Holootni dursanii ni dhaluu” akka fillannooti (BDB 362 II).

**29:9C** guduunfaan gocha kana hundumaa (jechuun, inni cimaan ballaqqeessaa bakakaa bu’aa qaamaa) mana qulqullummaa hundumaati, “Galata!” jedha.

YHWH n uumaa isaa qonaa fi oomisha yeroo roobaatti kenna. Uumaan immoo nyaachiisaa dha! (keeyata gaarii ilaali “nyaachiisuu” irratti, IVP *Dictionary of Biblical Imagery* fuula 681-683).

NJB lak. 9C kan lak. 10-12 jalqaba godha.

## MACAAFA FAARFANNAA : 29:10-11

**10 Waaqayyo bishaan badiisaa**

**Gararraa iyyuu ta’eera;**

**Waaqayyo bara baraan mootii**

**Ta’ee teessoo irra in taa’a*.**

**11 Waaqayyo saba isaatiif jabina haa kennu;**

**Waaqayyo saba isaa nagaadhaan ha eebisu!**

**29:10** “Mootii” jechi jedhu hololoo 1 irratti miti, garuu hololoo 2 irratti dha. Bishaan badiisaa kan inni argisiisu (1) Uumama 6-9 (Uma. 6:17) yookaan (2) jalqaba uumamaa (Uma. 1:2).

YHWH n akka mootiitti kan ta’e yaad-rimee gara boodaatti deebi’ee 1Sam. 8:7 ni deema. Innis kan inni taa’ee akka barumsa hafuuraatti mirkaneffannaa dha, Far.10:16 irraa fi asitti. Fakkenyummaan nuuraa isaa YHWH n teessoo irra taa’eti (Far.2:4; 113:5 fi kan Isaayaas 6 fakkenyummaa nuuraa) yookaan ulee mootummaa kan qabu.

▣ **“Taa’eera….mootii ta’ee taa’a” “**taa’eera” yookaan “teessoo isaa irra (BDB 442, KB 444) bara baraan” gochama jedhu ergaa irra deddeebi’aadha (Bau. 15:18; Far.9:7; 10:16; 145:13; 146:10; Erm. 10:10; Far.Erm. 5:19).

▣ **“Bishaan irratti”** walingichi kan inni argisiisu

1. Biishaan raafaman irratti humnaa fi aangoo isaa LXX
2. YHWH n samii irra jiraatu bishaan ol jiru gararraa dha (jechuun, bokkaa), duumessawwan gararraa (Uma. 1:6-7; Far.148:4)

“Bishaan badiisaa” jechi jedhu (BDB 550) kan inni argamu Uumama fi faarfannaa kana 29:10 irratti qofa dha.

**29:11** YHWH n mootii ta’uu isaa, sabni isaa kan eegamanii dha. Abdiiwwan isaa kan eegamanii dha. Kaayyoon isaa gara fuulduraa kan eegamee dha!

“Qilleensa” gidduu illee, humnoonni uumamaa hamaa yeroo fakkaataniitti, sabni YHWH nagaa dha (Mat. 8:23-27; 14:22-33)! Yesusis humna hafuuraa hoji irra oolcheera, dha’aa fi qilleensa irratti!

# FAARFANNAA 30

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Du'a irraa fayyuudhaan galata dhiyeessuu<br>Seensa MT kan qabu<br>"Faarsaa, faarfannaa eebba manaatiif " Faarsaa Daawiit. | Galata kadhata deebi'eaf | Fayyinaaf galata | Kadhata galata dhiyeessuu | Balaa du'aa jalaa ooluu booda galata galchuu |
| 30:1-5 | 30:1-3 | 30:1-3 | 30:1-3 | 30:1-3 |
| | 30:4-7 | 30:4-7 | 30:4-5 | 30:4-5 |
| 30:6-9 | | | 30:6-7 | 30:6-7 |
| | 30:8-10 | 30:8-10 | 30:8-10 | 30:8-9 |
| 30:10-12 | | | | 30:10-12 |
| | 30:11-12 | 30:11-12 | 30:11-12 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

Seensa, innis MT irra kan jiru, ifa guddaa miti (jechuun, DSS faarfannaa miti). Innis ifatti booda irratti kan dabalamee dha (seensa Faarfannaa 7, 60). Isaan seensawwan kana akka yaada hafuuraan liqimfamuutti hin fudhadhu (GiliSan Arkeer, kan kitaaba qulqulluu jeequmsa Insayikiloopidiyaa, fuula 243 ilaali), kanaaf, isaan irratti yaada in kennu.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 30:1-5

**[1] Yaa Waaqayyo, ati na oolchitetta,**
**Diinonni koos anatti akka hin gammanne gooteetta;**
**Ani immoo ulfina kee ol kaasee sin galateeffadha.**
**[2] Yaa Waaqayyo gooftaa ko,**
**Ani gargaarsaaf gara keetti iyyadheera,**
**Ati immoo ana fayyifteette*.**
**[3] Yaa Waaqayyo ati lubbuu koo**
**Iddoo lafa jalaa keessaa ol baafteetta,**
**Warra boollatti gad bu'an gidduudhaaf**
**Jireenyatti na deebifteetta.***
**[4] Isin warri Waaqayyoof of kennitan**
**Faarfannaadhaan isa jajadhaa,**
**Seenaa qulqullina isaatiifis galata isaaf galchaa!**
**[5] Dheekamsi isaa hamma liphsu**
**Ijaatti, fuulli isaa inni ifaan garuu bara jireenyatiif in ta'a;**
**Galgala boo'ichi yoo namatti dhufe,**
**Ganama immoo ililleen in ta'a*.**

**30:1-5** Faarfatichi YHWH ulfeessa ni galateefatas, du'a irraa fayyuu isaan.

**30:1 "Sin galateefadha"** gochamni kun (BDB 926, KB 1202, Poleel IMPERFECT bifa Ibirootaan faayidaa irra kan oole) hiikoonni dursan lama jiru.

1. Ulfeessuu, galateefachuu, (asitti YHWH dhaaf), Bau. 15:2; Far.34:3; 99:5, 9; 107:32; 118:28; 145:1; Isa. 25:1
2. Ol qabuu (YHWH galateefachuu kan ibsu), 2Sam. 22: 47; Far.18:46; 21:13; 46:10; 57:5, 11

Galatni kun kan kennameef waan YHWH n godheef.

1. Inni ol isa qabeera (BDB 194, KB 222, *Peil* PERFECT) faarfaticha, lak. 1 (jechi kun faayidaa irra kanoole bishaan boola keessaa baasuun, kanaaf inni hafuuraan `baasuu kan eeru ta'a 30:4).
2. Faarfattichi I dinoonni isaa akka gammadan hin goone (BDB 33, KB 38, keeyata jechaa), Far.25:2; 41:11.
3. Fayyiseera (BDB 750, KB 1272, *Qal* IMPERFECT Waawu irraa), lak. 2.
4. Lubbuu isaa si'ool keessaa baaseera (BDB 748, KB 828, *Hiphil* PERFECT), lak. 3.
5. Jireenyatti akka jiraatu godheera (BDB 310, KB 309, *Peil* PERFECT), lak. 3.

**30:2 "Yaa Waaqayyoo gooftaa koo"** kun lammanuu baay'ee baratame maqaa waamichaa Waaqa Israa'eel (mata-duree addaa ilaali: maqaawwan hafuuraa, Far.1:1 irratti).

1. YHWH – Waaqayyo akka fayyisaatti, Waaqa kakuu raawwatu, Uma. 2:4
2. *Eloohim* – Waaqayyoon akka uumaattii fi kennaa jireenya hundumaa, addunyaa kana irratti, Uma. 1:1

Faarfannaan kun akkamitti waamama kanaan akka jalqabe hubadhu (lak. 2) akkasumas waamama kanaan akka raawwate (lak. 12). Kun tooftaa Ibirootaa baratamee dha (jechuun, Inkilusiyuu (of keessatti kan qabate).

## Mata duree addaa: Fayyinni baroota hundumaa keessa Kayyoo Waaqayyootii?

1. Tajaajila Ergamootaa fi tajaajila Yesusiif keessatti fayyinni waanta guddaa mullataa ture

2. Innis waa'ee Waaqayyootii fi waa'ee mootummaa isaa kan dursamee yaadame ergaa haaraa ta'e kana cimisuuf yookiin jabeessuuf ture.
3. Inni kunis namoota miidhamaniif garaa Waaqayyoo agarsiisa
4. Waaqayyo hin jijjiiramne (Milk 3:6) har'as karaa fayyisuu jaalala isaa ni hojjeta
5. Fakkenyaaf yeroo fayyinni hin raawwatamne turan
   a. Phawloos 2Qor 12:7-10
   b. Xiroofiimoos 2Xim 4:20
6. Cubbuuniif dhukkubni warra Rabbii fi Yaaqoob duratti walitti hidhama (Yoha 9:2 Yaq 5:15-18).
7. Fayyinni Kakuu Haaraaf waabdii miti innis cubbuuttii fayyuu wajjin wal hin qabatu Isa 53 fi Faarsaa 103 irratti akka ibsame
8. Dhoksaan dhugaa ta'e jira, kaan akka fayyanii fi kaan immoo maaliif akka hin fayyine. Ta'uu kan danda'u fayyinni bara hundumaa jiraatu illee, bara tajaajila Yesuus dabaleera ammas dabalataan ni mullata dufaatii isaa duraan dursee.

▣ **"Na fayyifte"** mata-duee addaa asi gadii jiru ilaali.

**30:3 "Iddoo lafa jalaa… boolla"** isaaan jechoonni lamaan (wal cibna wal fakkaataa) kan argisiisan hawwaala yookaan bakka turtii warra du'aniiti. Mata-duree addaa ilaali: warri du'an eessa jiru? Far.1:6 irratti.

Faarfannaa kana irratti wal cina faallaan kan baratame akka ta'e hubadhu. Innis ni argisiisa, baay'ee amansiisaa kan ta'e karaawwan jireenyaa, "karawwan lamman" kan faarfannaa 1.

Gaariidhaaf ibsi gabaabaan, "Boollaa" f IVP, nuura kitaaba qulqulluu (fakkii kaasuun), fuula 646-647 ilaali.

**30:4**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"gaarummaawwan"** |
| **NKJV** | **"qulqulloota"** |
| **NRSV** | **"amanamoota"** |
| **TEV** | **"saboota amanamoo"** |

Addeessi kun (BDB 339) kan inni hundeefame maqaa irraati SD (BDB 338), innis amanamummaa kakuu kan ibsu (mata-duree addaa ilaali, Far.5:7 irratti).

1. Karaa Waaqayyootiin; inni amanamaadha abdiiwwan kakuutiif.
2. Karaa duuka buutota amanamootaan, inni/ishen abbomamoo fi kutatoo ta'utu irra jiraata, dirqamawwan kakuutiif.

Innis kan baratame waamama dha, faarfannaa irratti, duuka buutota kakuu amanamoo (jechuun, Far.4:3 fi kan biro baay'ees).hiikootni baay'een (TEV, NJB) 30:4-5 ilaali, akka buusaa adda ta'ee, duuka buutota amanamoo kan afeeru, YHWH galateefachuuf akka wal argan (ramaddii keeyataa faarfanna fuula jalqabaa irratti ilaali).

Qabiyyee kana irratti isaan kan isaan waaman

1. Galata faarfachuuf – BDB 274, KB 273, *Peil* IMPERATIVE
2. Galata akka dhi'eessan – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERATIVE

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV, JPSOE** | **"maqaa"** |
| **NRSV** | **"yaadannoo"** |
| **TEV** | **"yaaduu"** |
| **NJB** | **"kan hin hiraanfatamne"** |

Maqaa MT qaba "yaadannoo" yookiin "yaadannoo" kan jedhu (BDB 271, Hose 12:5). Asitti kan inni argisiisuu amala kabajamaa YHWH tii fi gocha isaa isa cimaa dha, karaa saba isaan (cf Ps. 6:5; 30:5; 97:12; 102:12; 111:4; 145:7). Yaad-rimeen Ibirootaa "maqaa" as jira, jecha isaa osoo hin taane.lamanuu wal cinaan raawwatameera, Far.135:13 fi Isa. 26:8. Dabalataanis "maqaa yaadannoo" kan jiedhu IMPERATIVE hubadhu, Bau. 3:15 irratti.

**30:5** lakkoofsi kun ajaa'ibsisummaa ayyaanaa eenyummaa jal'isa (fida) (wal cina raawwataa guutuu). Kun addunyaa kufee dha, ta'us garuu YHWH n kan cabee tokkummaa Heden Ganat dhaabbataa akka ta'u hin heyyamne. Kan cubbuu fi hameenya rakina qaba, ta'us garuu ayyaana isaan, amantii duuka buutuu amanamaa keessa kadhachuudhaan (Efe. 2:8-9), dhiifamaa fi haareefamuutu jira (Far.103:8-14; Isa. 54:7-8)! Rakkinni dhaabbatan qofaan isaa amanuu dhiisuu dha. Innis cubbuu hin hir'aanfatamnee dha (mata-duree addaa ilaali, asi gadiitti)

> Hololoon jalqabaa lammanuu kan 30:5 gochama hin qaban. Caaseama yeriichaaf tuqaa barumsa hafuuraa xiyyaafannoo itti laata "dheekamsi isaa yeroodhaaf" "simboon isaa garuu bara jireenya hundumaaf!"

AB (fuula 182) akka jedhuutti "bara jireenyaatti" (BDB 213) jechuun "jireenya bara baraa," ti, Far.21:4 irratti hundaa'uudhaan. Ta'us, Far.91:16 kan baratame jecha kanaan akkaata fayyadama Kakuu Moofaatiin, innis jireenya kana kan argisiisu.

Waa'ee "dheekamsaa" yaada dabalataa kennudhaaf jecha, akkaata yaada barreefama kanaan. Kakuu Moofaan walitti dhufeenya akka qabu ilaali, cubbuudhaa fi dhukkuba gidduu (Yaaqoob 5:13-18). Yesus ilaalcha kana kan inni fooyyeesse fakkaata, Yhannis 9:1-12. Waaqayyoo akka cubbuu keenyaatti kan nutty faradu yoo ta'e hundi keenya ni dhukkubfanna ni duunas. Dhugaan ajaa'ibsiisaan "dheekamsa" nuuf ta'a, ta'us garuu araara arganneera, ayyaanaa fi jaalala! Ta'us, nuyi, hundu keenya hin fayyifamne (mata-duree addaa: ilaali, 30:2 irratti)! Inni ni wajjini, rakkina keenyatti (Rom. 8:18-25; 2Qor. 4:17).

▣ **"Deekamsi isaa"** hundeen isaa (BDB 60) "fuunyaan" wajjin walitti firooma (jechuun, fuula diima) yookaan "kolfaa" (wanti hin dubbatamne garu u mallattoo sagalee, miira namaaf). Mata duree addaa ilaali:Waaqayyo akka namaatti yoo ibsame (waa'ee seer-lugummaa) Far.2:4-6 irratti

## MATA DUREE ADDAA: CUBBUUN DU'AAN NAMA GAHU MAALII DHA?

A. Xiin-hiika yaadamuu qaban
   1. Adda baasuuf kan ta'uu wal qabsiisuun kan irra jiraatu Yohaannis 1 yoomessaa seenaa wajjii dha
      a. Barsiisota sobduu warra Ginoostiki waldaa kristaanaatti argamu (1Yoha. 2:19, 26, 3:7, 2Yoha. 7)
         (1) "Seerintiyaan" akkaataa yaada Ginostikiitti, jechuun namni hafuura Yesus Kristoosin fudhate, yeroo itti fayyadamuutti, kanaaf haafurri Kristoos fannoo irratti du'uu isaa fuuldura dhiise (1Yha. 5:6-8)
         (2) "Doseetiki" akkaata yaada Ginostikiitiin jechuun Yesus hafuura Waaqa irraati, mucaa namaa isa dhugaa osoo hin taane (1Yohaannis 1:1-3)
         (3) Ginostizimiin jaarraa lamaffaatti barreefama irratti mul'ateera, innis ilaalcha adda addaa lamaa waa'ee qaama namaa callaqqisiseera
            (a) Fayyuummaan sammuudhaaf dhugaa mul'ate hanga ta'ee jirutti, qaamni namaa barbaachisummaa hin qabu, addunyaa hafuuraaf. Kanaaf, waan barbaadu hunda qabaata. Isaan yeroo hundaa kan isaan ibsan ayyaanaan bilisummaa seeraa yookaan blisummaa Ginoostiki wajjin.
            (b) Gareen kan biraan kan murteesse fooni dhaala hamaa hanga ta'ee jirutti (jechuun, ilaalcha warra Girikii), fedhiin fooni kam iyyuu hafuutu irra jiraata. Isaan kunis mataa ofi ganuu Ginostiki jedhamani waamamu.

B. isaan barsisoonni sobaa kun waldaa Kristaanaa dhiisaniiru (1Yoha. 2:19), dhiibbaan isaanii hin dhiifne!

   2. Adda baasuun ta'uu qabu kan irra jiraatu guutummaa qabiyyee barreefamaa wajjinii dha
      a. 1Yohaannis kan barreefameef baumsa sobaa mormuudhaaf, kanaaf amantoota dhugaa waabii mirkaneessuuf
      b. Kaayyoowwan lamman kun mul'achuu kan danda'an qorumsa amantootaa irratti dha
         (1). Kan Doktiriinii

            (a) Yesuus nama guutuu ture (1Yohannis 1:1-3, 4:14)
            (b) Yesus nama guutuu dha (1Yohaannis 1:2, 5:20
            (c) Namoonni cubbamoota, kanaaf, Waaqa qulqulluuf itti gaaffatamummaatu irra jira (1Yohaannis 1:6, 10)

(d) Namoonnis dhiifama argataniiru, kanaaf fuula Waaqayyoo duratti cimanii jiraatu,
i. Du'a Yesuusiin (1Yohannis 1:7, 2:1-2, 3:16, 4:9-10, 14, 5:6-8)
ii. Yesus irratti amanti qabuu (Yohannis 1:9; 3:23; 4:15; 5:1, 4-5, 10-12, 13)

(2) Gochaan kan argisifame (bifa sirrii ta'een)
(a) Akkaatee jireenyaa abboomamuu (1Yohaannis 2:3-5; 3:22, 24; 5:2-3)
(b) Jaalala akkaatee jireenyaa (1Yohaannis 2:10; 3:11, 14, 18, 23; 4:7, 11-12, 16-18, 21)
(c) Akkaateen jireenyaa Kristoosiin fakkaachuuu (cubbuu hin hojjetu, 1Yohaannis 1:7, 2:6, 29, 3:6-9, 5:18)
(d) Mo'ichi akkaatee jireenyaa isa hamaa irratti (1Yohaannis 2:13, 14; 4:4, 5:4)
(e) Sagaleen isaa isaan irra jiraata (1Yohannis 1:10, 2:14)
(f) Hafuurichis isaaniin jedhe (1Yohannis 3:24, 4:4 -6, 13)
(g) Kadhata deebi'ee (1Yohaannis 5:14-15)

(3) Hojii irra kan oole (Alta'aa)
(a) Cubbuu akkaatee jireenyaa (1Yohannis 3:8-10)
(b) Jibba akkaatee jireenyaa (1Yohannis 2:9 , 11; 3:15; 4:20)
(c) Abboomamuu akkaatee jireenyaa (1Yohaannis 2:4; 3:4)
(d) Addunyaa jaallachuu (1Yohaannis 2:15-16)
(e) Kristoosiin ganuu (abbaa fi ilma kan ganuu 1Yohaannis 2:22-23; 4:2-3, 5:10-12)

3. Adda baasuun ta'uu qabu dirqamatti wal qabsiisuun kan irra jiraatu wantoota murtaa'aan irratti, barreefama ta'uu qabu irratti (1Yohaannis 5:16-17)
   a. "Obboleessa" jechi jedhu, kan Yohannis 5:16 kan inni walitti dhufuu gochama cubbuu lammaanii wajjini dha, gara du'aatti kan geessanii fi gochamawwan cubbuu sana gara du'aatti kan geessanii dhaa?
   b. Irra daddarboonni yeroo tokkoo miseensa waldaa kiristaanaa turanii (1Yohaannis 2:19)?
   c. Faayidaan barreefamaa maaliidhaa kan :
      (1) "Cubbuu" wajjin keeyata qabaachuu dhiisuu isaa
      (2) "Ni arga" gochamni jedhu akka ramaddii sadaffaatti gochamni haalaa kan haalaa amma yaadamuu?
   d. Kadhatni kristaana tokkoo akkamitti (Yaaqoob 5:15-16) jireenya bara baraa deebisa "*zōē*" kan nama kan biraa, cubbamichi mataan isaa qalbi osoo hin jijjiratiin?
   e. 1Yohaannis 5:17 akkamitti gosa cubbuu wajjin walitti dhufa (du'aan kan nama ga'u)?

B. Rakkinoota barumsa hafuura
1. Hiikan tokko barreefama kana wal qabsiisuutu irra jiraataa
   a. "Ha hafuu kan hin jedhamne" cubbuu wajjin, wangeela irraa
   b. "Yeroo tokko kan ba'e" cubbuu wajjin Ibiroota 6 fi 10 wajji

Kan Yohaannis 1 akkaataan yaada barreefamaa wal cina kan inni fakkaatu cubbuu Fariisootaan hin hojjetamne wajjinii dha, yeroo Yesuusitti (Mat. 12:22-37, Marqoos 3:2-29) jedhee Yihudoota warra hin amannee wajjin, Ibiroota 6 fi 10. Firootni sadan (warri Farisootaa, Yihudoota hin amanne, fi barsisoota sobduu Ginoostiki) wangeela ifatti dhaga'aaniiru, ta'us garuu Yesuus Kristoosiin amanu didaniiru.

2. Gaaffiilleen kutaa amantaa warra ammayyaa safartuu barumsa hafuuraa ta'uu danda'uu, barreefama kana ilaaluudhaan?

Abbaan wangeellummaa shaakala Kristoos jalqabatti gura guddisee ture kanaaf itti fufiinsa kan qabu amantii dhugaa akkaatee jireenyaa ragaa cal jedhee ture. Nuyi "amansisummaa" isaa ni feena, kan fillataman kan kitaaba qulqulluu "Barreefama qulqulleessuu" irratti hundaa'uudhaa fi ofii keenyaa akkaataa yaada lojiikii yookaan dursa tilmaama kutaa amantaa. Gaaffiin barumsa hafuuraa keenyaa, kan adda baasuu, fi mallattoowwan kan isaan callaqisiisan kan tasgabaa'uu dhabuu keenyaati. Odeefannoo dabalataa fi ibsa barbaanna, Kitaabni qulqulluun kan inni kennu caala, kanaaf akkaatee hafuuraa keenyaa luqisii muraasa qulqulluu sagalee isaa irraa fudhatee fi lojiikii guddaa, kan warra dhi'aa , doktriini muraasa ta'e fudhata!

Jecha Yesus irraa Matehoos 7 fi Maariqos 7 irra kan jiran walda kristaanaa ishee duriitiif gahaa ture! Yesus bartootoota barbaadaa ture, murtoo osoo hin taane, akkaatee jireenyaa bara dheera

amantii, amantii miiraa yeroo gabaabaa osoo hin taane (Mat. 13:10-23, Yohaannis 8:31-59). Kiristaanummaan kan adda ta'ee kan darbe gocha miti, ta'us garuu qalbi jijjirannaa itti ;fufuiinsa qabu, amantii, abboomammuu, fi jabina malee. Kristaanummaan gara mootummaa Waaqatti tikeetii ittiin galan miti, yeroo darbe kan bitame, yookaan poolisi waabdi balaa abiddaa miti, isa tokkoo akkaatee jireenyaa irraa dhuunfummaa eeguudhaaf, gaarummaan jireenya kan biraan!

3. Cubbuun du'aan nama gahu kan inni eeru du'a fooniiti yookaan du'a bara baraa? Kan Yohaannis "kan "*zōē*" akkaataa fayyadamaa, akkaataa yaada barreefamaa kanaan kan inni argisiisu faallaan isaa kan inni argisiisu du'a bara baraati. Waaqayyoo gara manaatti ni fudhata jechuu ni danda'a (du'a fooni) ijoollee cubbuu hojjetanii? Tokkuummaa akkaataa barreefama kanatiin (1) kadhata hiriyaa amantootaa fi (2) dhiifamni irra daddaarbaan dhuunfaa akka adda ba'uu godhamee amantoota akka deebisanii dha, ta'us garu akka deebisanii dha, ta'us garuu isaan hawaasa amantootaa irratti akkatee jireenyaa qaanii fidu yoo itti fufanis, bu'aan "kan ga'umsaa yookaan jireenya kana irra dursa baasuu ta'uu danda'a (yeroo Hasayisaaniin gaaffataniiti Noormaal Geeslerii ''fi Toomas howi: fuula 541).

## MACAAFA FAARFANNAA 30:6-9

**6Ani ofii kootii yeroo anatti toletti,**
**"Matumaa ani hin mittiqu" nan jedhe.**
**7 Fuula ifaadhaan na ilaaluu keetiin yaa Waaqayyo,**
**Tulluun ani irra dhaabadhu**
**Jabaatee akka eegamu goote;**
**Yeroo ati fuula keen a duraa**
**Dhoksiteetti immoo, naasuutu na qabate.**
**8Yaa Waaqayyo, ani gara keettan iyyadha,**
**Faarri gooftaa koo akka anaaf**
**Toluufis nan eeggadha.**
**9Ani boollatti yoon gadi bu'e,**
**Ati du'a koo keessaa maal argatta?**
**Biyyoon si jaaja ree?**
**Yookiis amanamummaa kee in himaa ree*?**

**30:6-9** buusaan kun kan inni callaqisiisu abdiiwwan kakuu raawwachuu dha, kan Lewoota 26 fi Kes. 28. YHWH n saba isaa badhaadhoo gochuuf barbaada, addunyaaf ;amanala isaa argisiisuuf. Faarfattichi, akka duuka buutuu amanamaatti, YHWH n kan godheef mirkaneessa.

1. Ni soroomse
2. Tasgaba'uu kenneef (jechuun, "raawwatee hin raafamu")
3. Jabaa godhe (jechuun, fakiiduu gaaraatiin, LXX "ulfina koo" kan jedhu qaba)
4. Kadhata isaa dhaga'I
5. Du'a irraa oolche, kanaaf YHWH amanamummaa isaaf galateefata (BDB 54)

AB (fuula 182) buusa kana kan inni argisiisu akka of-eeggachiisaati, of-tuulummaan cubbuu irratti. Kan UBS kitaaba yaadannoo (fuula 285) isa kan inni argisiisu akka shaakala ta'uu hin qabnee darbeetti. Ta'us, ani Lewoota 26 fi Kes. 28 jajachuu isaaati. Kitaaba yaadannoo kan inni mirkaneessuu Faarfannaa kana, akka faarfannaa 29 garee galagaltooti. Kun dhugaa yoo ta'e, egaa kan ittim fannifamu giduu dhugaan inni gudaan dhugaa ta'uutu irra

jiraata. Ta'us garuu giddu galeessi, lak. 6 ta'uu isaa hubadhu, kanas, lammanuu UBS kitaaba yaadannoo fi AB kan isaan jedhan shaakala ta'uu hin qabnee dha!

**30:7B** lak. 7A, C wajjin akka wal simu amansiisaa miti. Gochamoonni lammanuu (kan raawwataman) haala mijaa'ee mul'isu.

1. Fuula kee deebifte – BDB 711, KB 771, *Hiphil* PERFECT, "fuula," kan inni argisiisu mul'achuu qaamati, inni YHWH n akka isa dhiiseetti itti dhaga'ameera, hin argamne, kadhata isaas hin dhaga'u.
2. Ani (BDB 224, KB 243, *Qal* PERFECT) sodaadhaan rukkutameera – BDB 96, KB 111, *Niphal* PARTICIPLE Jechi kun hiikni isaa "jeeqamu," "Sodaachuu," yookaan "jeeqamu," dha (Iyoob 4:5; 23:15; Far.6:4; 83:18; 104:29; Far.13:8; 21:3; Erm. 51:32, Hiz. 26:18.

JPSOE lakk. 7 B kan argisiisu lak. 8 wajjin faallaadhaan, YHWH n faarfaticha godhee fudhateera "jabaa akka gaaraa guddaa," garuu fuula isaa yeroo ;dhoksu/kan dhokfame akkasumas "jeequmsa" ni fida. 'kanaaf, gara YHWH tti kadhataan waamame (lak. 8). Badhaadhinni qofaa isaa, badhaadhina kakuu illee yoo ta'e (Lew. 26; Kes. 28) gahaa hin ta'u! Waaqayyo nu barbaachisa! Argamuun isaaf gammachuun isaa nutty dhaga'amuu qaba! (kan uumamneefis (Uma. 1:26-27; 3:8) tokkummaa Waaqayyoo wajjin godhamuu dha. Ammam, kan biraa fedha biraawajjin wal simuu hin danda'u!

**30:9** himtee durii lama (giingee) gaaffiiwwan jiru, haala barreefamichaa irraa, "hommaa" deebii kan hin qabne.

▣ **"Biyyee"** kun (BDB 779) ibsa fakiiduuti, du'aaf (Faarfannaa 22:15, 19; Isaayaas 26:19; 29:4) yookaan boolla gadi fagoo/boolla. Namoonni kan uumaman suphee/biyyoo irraati (Uma. 2:7) kanaaf gara biyyootti du'aan ni deebina ("Uma. 3:19).

▣ **"Biyyoon sigalateefataa?"** du'ii Kakuu Moofaa damaqaa ture, garu cal kan jedhe, le'ii (Far.6:5; 88:11-12; 115:7; Lalaba. 9:10; Isa. 38:18-19).

▣ **"Amanamummaa kees"** kun "Ameen" dha (BDB 54); mata-duree addaa ilaali, Faarfannaa 12:1 irratti.

YHWH n kan amanamee dha (BDB 54) amanamaadhaaf (BDB 338) kakuu isaaf. Inni qofaa isaa kan hin jijjiramnee dha (Mil. 3:6; Faru.102:27; Yaaqoob 1:17; dabalataanis Ibr. 13:8 ilaali). Abdiin keenya akka duuka buutoota amanamoo, kan hin jijjiramneen , haraara qabeessii amala YHWH irratti dha.

**MACAAFA FAARFANNAA: 30:10-12**

**10 Yaa Waaqayyo na dhaga'i, araaras anatti argisiisi!**
**Yaa Waaqayyo, ati gargaaraa koo anaaf ta'i!**
**11 Ati boo'icha koo sirbatti anaaf geddarte,**
**Uffata gaddaas ana irraa hiiktee,**
**Gammachuu ana hidhachiifte!***
**12 Lubbuun *koo* faarfannaadhan**
**Akka si jajjttuuf, callumas akka hin jenneef,**
**Yaa Waaqayyo gooftaa ko,**
**Ani bara baraan galata siif nan galcha!**

**30:10-12** buusaa kana gaaffii kadhataa sadiin jalqaba (xiyyaafatoota).

1. Dhaga'I – BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE
2. Natti haraarami – BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE
3. Gargaaraa koo naaf ta'e (BDB 740, KB 810) – BDB 224, KB 243, *Qal* IMPERATIVE

Deebiin YHWH faarfatticha irratti kan inni bulche ilaali.

1. Boo'icha koo gammachuutti naaf jijjirte
2. Wayyaa gadda koo tarsaaftee gammachuu na hidhachiifte (:gammachuu" karaa ciigoodhaan, wayyaa gaddaa kan faalleessu, jechuun, wayya guyyaa ayyaanaa)

3. Faarfannaa galataa akka dhi'eessu godhe, calis hin jedhu
4. Bara baraan akka galateefatu godhe

**30:11 "Wayyaa gaddaa"** kun kan uffatamuuf mallattoo 'gaddaatiif.

## Mata duree addaa: Seera gaddaa

Israa'elootni yeroo firri jalaa du'u, qalbii jijjiirratnaa dhuunfaaf, akkasumas yakka waliiniif karaa hedduu gadda isaanii ibsu:

1. Uffata tarsaasuu, Uuma. 37:29, 34; 44:13; Abbo. 11:35; II Saam. 1:11; 3:31; I Moot. 21:27; Iyo 1:20
2. Daaraa uffachuu, Uuma. 37:34; II Saam. 3:31; I Moot. 21:27; Erm. 48:37
3. Kophee baafachuu, 2Saam. 15:30; Isay. 20:3
4. Harka mataa irra kaa'achuu, 2Saam. 13:19; Erm. 2:37
5. Awwaara mattaa irratti firfirfachuu, Iya. 7:6; I Saam. 4:12; Nahi. 9:1
6. Lafa taa'uu, Far. 2:10; His. 26:16 (Lafa ciisuu II Saam. 12:16); Isay. 47:1
7. Qoma rukutachuu, I Saam. 25:1; II Saam. 11:26; Naho. 2:7 (Idda hiika "Gadda", "BDB 704)
8. Dhagna fii murmuruu, Kes. 14:1; Erm. 16:6; 48:37
9. Laguu II Saam. 1:12; 12:21-23; I Moot. 21:27; I Seen. 10:12; Nahi. 1:4
10. Weedduu gaddaa, II Saam. 1:17; 3:31; II Seen. 35:25
11. Rifeensa aaddachuu (bubuqqisuu), Erm. 48:37
12. Areeda aaddachuu, Erm. 48:37
13. Mataa yookaan suulatti aguuggachuu, II Saam. 15:30; 19:4

**30:12 "Lubbuun koo akka faarfattuuf"** "lubbuu koo" akkuma jirutti "ulfina" koo (BDB 458). Dubbifamoon wal fakkaatoon immoo kan isaan jedhan "tiruu" dha. UBS pirojektii barreefamaa (fuula 209) kan jedhu , isa hubachuun kan danda'amu

1. Faarfaticha mataa isaa eeruudhaaf (jechuun, eenyummaa isaa keessaa – tiruu) jecha isaan (LXX, NKJV,NKJV,TEV, JPSOE, REB)
2. Ta'uun isaanii, "ulfina koo," YHWH argisiisa

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Waaqayyoo duuka-buutota amanammoo hundumaa ni fayyisaa?
2. Lakkoofsa 5 maaliif baay'ee barbaachiisaa akka ta'e ibsi.
3. Lakkoofsa 6 ibsa sirrii dha yookiis Alta'aa?
4. Lakkoofsa 9 fi 12 akkamitti walitti dhufu?

# FAARFANNAA 31

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Faarsaa iyyataa fi galataa<br>Seensa MT kan qaba<br>Angafa farffattootaaf faarsaa Daawiiti | Gooftaan irkoo guyyaa rakkinaa | Diinota dhuunfaa irraa ooluuf kadhaata | Waaqayyotti amanachuu | Kadhata yeroo rakkinaa |
| 31:1-5 | 31:1-2 | 31:1-2 | 31:1-2 | 31:1-2a |
| | | | | 31:2b-3 |
| | 31:3-5 | 31:3-5 | 31:3-5 | 31:4-5b |
| | | | | 31:5c-7a |
| 31:6-8 | | | | 31:7a-8 |
| | 31:6-8 | 31:6-8 | 31:6-8 | 31:9 |
| 31:9-13 | | | | 31:10 |
| | 31:9-13 | 31:9-10 | 31:9-10 | 31:11 |
| | | | | 31:11c-12 |
| | | 31:11-13 | 31:11-13 | 31:13 |
| | 31:14-18 | 31:14-18 | 31:14-18 | 31:14-16 |
| 31:14-18 | | | | 31:17-18 |
| | 31:19-20 | 31:19-20 | 31:19-20 | 31:19 |
| 31:19-22 | | | | 31:20 |
| | 31:21-22 | 31:21-22 | 31:21-22 | 31:21-22 |
| 31:23-24 | 31:23-24 | 31:23-24 | 31:23-24 | 31:23-24 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan baay'een jiru, barreessichi gargaarsa Waaqayyoo kan barbaaduuf, dinoota isaa irrratti. Inni tokko ajaa'ibsifachuu danda'a
   1. Dinooni kun eenyuun akka ta'an?
   2. Faarfattichi yeroo hundaa waa'ee maaliif akka adda ba'e itti dhaga'amaa?
   3. Isaan kun irra caalmaan isaani kan barreefamaniif yeroo wal fakkaataatti, jireenya faarfattichaa (Daawitiin ta'uu danda'aa)?

B. Faarfattichi dhimootni baay'ee isa mudataniiru.
   1. Cubbuu dhuunfaatii fi rakkoo sammuu fi qaamaa isaa (31:1-12)
   2. Miidhaa nama dhuunfaa
      a. Dinoota isaan
      b. Hiriyoota isaan
      c. Firoota isaan

C. Amalli gocha dinootaa kan isaan godhatan
   1. Isa kiyyoodhaan qabuuf, lak. 4
   2. Inni gara waaqa tolfamaa akka ilaalu gochuu, lak. 6
   3. Maqaa isaa balleessuu, lak. 11, 13, 20
   4. Isa irratti hameeny mari'achuu 13, 20
   5. Isa har'iachuu, lak. 15
   6. Arraba sobaa qabu, lak. 18
   7. Of-tuullummaan dubbachuu, lak. 18

D. Baay'een isaanii/faarfannaan baay'een kiitaba tokko irratti ergaa wal fakkaataa fi jecha qabu. Kanaaf callaqisiisuu kan danda'u qophaa'umaa hin beekamne (editing) yookaan ajandaa jabeessuuti. Ta'ii jedhame caaseefamni jira, kan faarfannaa kitaaba adda addaa (seensa faarfannaa ilaali) ta'us garuu warri ammayyaa maal akka turee amansiisaa miti.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 31:1-5

**1 Yaa Waaqayyo, ani kooluu sitti galeera,**
**Ati yoom iyyuu akka ani hin yeellaasifamne godhi,**
**Ati qajeelaa dha, ana oolchi!**
**2 Gurra kee gara kootti qabi, ariifadhuu kana jalaa na baasi,**
**Ati kattaa ani itti baqadhee oolu anaaf ta'i,**
**Ana oolchuufis mana masaraa jabaa anaaf ta'i*!**
**3 Ati kattaa, masaraaas anaaf taateetta;**
**Mmaqaa keetiif jedhii karaa irraana buusi, ana geggeessis!**
**4 Ati hoofkalchaa koo waan taateef,**
**Kiyyoo anaaf dhoksan keessaa na baasi*!**
**5 Yaa gooftaa, ati Waaqayyo amanamaa dha, ati ana furteetta;**
**Ani immoo hafuura koo harka keetti nan kennadha*.**

**31:1-5** baay'ee mattayyummaa karaa ta'een barreessichi gara YHWH tti akka dhi'aatu hubadhu. Lakkofsa maqa-dhaaloota hubadhu. Amantiin kitaaba qulqulluu dhuunfaatti amanachuu dha, Waaqa qaamanii. Inni ka'umsa isaa irraa waa'ee seeraa yookaan keessaa iyyuu heera safuu miti garuu waa'ee dhuunfummaa kan hin eegamne walitti dhufeenya dha! Walitti dhufeenyi hin eegamne waan hunduma ni jijjiraa! Kan biroon hunduu isa irratti hundaa'aa.

▣ Buusaan kun gaaffiiwwan kadhaata heedduu qabateera.

1. Raawwate qaana'u – BDB 1-1, KB 116, *Qal* CHOHERETIVE jecha tokkummaa, qaaniin kun wal qabachuu kan inni danda'u cubbuu Daawiti wajjinii dha (Faarfannaa 32; 51) yookaan kan biroon maqaa gaarii isaa yookaan yaada isaa yoo miidhanii dha, Far.25:2-3, 20; 31:1, 17; 35:26; 69:6; 119:6, 46, 78, 80. Qaaniin yerooo tokko tokkoo YHWH n dhiifamu ta'aa (Nidoot, jildii 1, fuula 621-627).
2. Na fayyissi –BDB 812, KB 930, *Peil* IMPERATIVE
3. Gurra kee gara kootti qabi – BDB 639, KB 692, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.17:6; 71:2; 86:1; 88:2; 102:2
4. Na oolchii – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE
5. Daannoo koo – BDB 224, KB 243, jecha IMPERATIVE
6. Na geggeessi– BDB 634, KB 685, Jecha IMPERATIVE
7. Na geggeessi – BDB 624, KB 675, *Hiphil* IMPERATIVE
8. Kiyyoo isaanii keessaa na baasi– BDB 422, KB 425, *Hiphil* IMPERFECT

Gaaffiin kadhataa isaa kan inni irratti hundaa'ee

1. Ofii isaa YHWH dhaaf kennuu isaa, lak. 5
2. YHWH n oolcheera, lak. 5 (mata-duree addaa ilaali Far.19:14 irratti)
3. YHWH n jabina isaati, lak. 4
4. YHWH n kan dhugaa/amanamummaa Waaqa dha, lak. 5 (mata-duree addaa ilaali, Far.12:1 irratti)

**31:1 "Kan amanatan"** kun kan inni eeru iddoo dhokkanaa cimaa dhaa, fayyummaa fi eegumsaaf. Far.2:12 irratti yaadannoo ilaali.

▣ **"Tola"** mata-duree addaa ilaali, Far.1:5 irratti.

**31:2 "Kattaa"** Far.18:2 irratti yaadannoo ilaali. Jechoonni Ibirootaa adda addaa lama jiru "Kattaa" kan hiikan; lak. 2 – BDB 7000 irratt., lak. 3– BDB 849 irratti. Lammanuu kan isaan argisiisan kan tasgabaa'uu , eegumsaa, fi fayyummaa bakka dha (Kes. 32:4, 15, 18, 30).

**31:3 "Daannoo"** yaadannoo ilaali, Far.18:2 irratti.

▣ **"Waa'ee maqaa kee"** Far.23:3 fi 25:11 irratti yaadannoo isaa ilaali. Inni amala YHWH bakka bu'a. mata-duree addaa ilaali: amala Waaqa Israa'eel, Far.9:10B irratti.

**31:3-4** duraa fi aantee kan ta'an IMPERFECT ilaali, itti fufiinsa kan qaban, adeemsa irra kan jiran gochoowwan kan ibsan.

1. Geggeessuu – BDB 634, KB 685, *Hiphil* IMPERFECT
2. Geggeessuu– BDB 624, KB 675, *Peil* IMPERFECT
3. Baasuu – BDB 422, KB 425, *Hiphil* IMPERFECT

**31:4 "Kiyyoo"** kun meeshaa adamooti (BDB 440). Innis fakiiduudhaan namoota fayyisuuf yookaan balleessuuf faayidaa irra ooleera (Far.9:15; 10:9; 35:7-8; 57:6; 140:5).

**31:5 "Lubbuu koo harka keettan kenna"** kun Yesuusiin eeameera, fannoo irratti, du'uu isaan dura xiqqoo dursee (Luqaas 23:46).

Gochamni kun (BDB 823, KB 955, *Hiphil* IMPERFECT) dirree hiikaa bal'aa qaba. Asitti kan eeruu itti fufiinsa kan qabu amantii dha. Amantii kana bu'uura kan godhatu eenyuummaa Waaqayyoo irrattii dha (jechuun, "Waaqa dhugaa," "Waaqa amanamaa") hojiii faarfattichaa osoo hin taane.

▣ **"Harka"** mata-duree addaa ilaali, Faarfannaa 7:3-4 irratti.

▣ **"Hafuura"** kun jecha Ibirootaa Ruhi dha (BDB 924). Asitti inni kan hin mul'anne hunma jireenyaati, hafuura jireenyaa YHWH wajjin kan wal qabate, Addaam irratti, Uma. 2:7. Innis foon dhiisee, foon sun gara bakka warra du'aaniitti ni deema (Si'ool, mata-duree addaa ilaali Far.1:6 irratti) mata-duree addaa asi gadi jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: HAFUURA, LUBBUU, HAFUURA (חור fi *pneuma*)**

Jechi Ibirootaa Rhi/ ruach (BDB 924)fi jechi Girikii Niyumaa/*pneuma* (Yohaannis 3:5, 8) jechuu kan danda'au "Hafuura," hafuura" yookaan "lubbuu" dha *Yohaannis 3:5, 8). Hafuurii yeroo hundaa uuumama wajjin wal qabata (Uma. 1:2, Iyoob 26:13, Far.104:29-30, 147:14-18). Kakuu Moofaan ifatti hin ibsu Waaqayyoo fi hafuura gidduu walitti dhufeenya jiru. Iyoob 28:26-28, Far.104:24 fi FAk. 3:19, 8:22-23, irratti ogummaa Waaqayyoo eerameera (maqaa dhalaatiin) waan hundumaa uumuudhaan. Kakuu Haaraatti Yesus bakka bu'aa Waaqayyoo jedhameera, uumama irratti (Yohaannis 1:1-3, 1Qor. 8:6, Qol. 1:15-17, Ibr. 1:2-3). Oolchuu irratti akka ta'e hundumaa, akkasumas uumama irratti qaama Waaqayyo sadan guutuummaati hirmaateera. Uumama 1 ofii isaa sababa lammaffaaf xiyyaafannoo homaa hin kennu.

## MACAAFA FAARFANNAA: 31:6-8

**6 Namoota waaqayyolii tolfaman**

**Warra waa'ee hin baafne safeeffatan, ani nan jibba,**

**Ofii kootii garuu Waaqayyoon nan amanadha.**

**7 Ati gadadamuu koo argiteetta,**

**Muddama lubbuu koos anaaf beekteetta;**

**Kanaaf sagalee gammachuu na dhageessisa,**

**Gaarummaa keettis nan gammada*.**

**8 Miilli koo iddoo bal'aa irra qajeelee akka dhaabatu**

**In goote malee, ati harka dinoota kootti**

**Dabarsitee ana hin kennine.**

**31:6-8** buusaan kun waan xumurameen guutameea, kunis PERFECT yookiin haala tasgaba'ee kan argisiisu.

1. Waaqa tolfamoo akkasumaanii duuka warra bu'an nan jibbe – BDB 971, KB 1338 *Qal* PERFECT. Gaaffiiwwan faarfatticha cimina isaa, YHWH n akka isaa faradu, bara durii irratti kan hundaa'ee dha (jechuun, addunyaa akka bakka bu'aa Waaqayyootti ilaalu). Inni kakuu YHWH kan diigan yookaan cal kan jedhan jibbeera. "LXX "Jibbeera" kan jedhu qaba.
2. YHWH tti amananii – BDB 105, KB 120, *Qal* PERFECT, kun ergaa irra deddeebi'adha, Far.4:5; 13:5; 25:2; 26:1; 28:7; 31:6, 14; 52:8; 56:3; 4, 11; 91:2. "Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaa yoo ta'e" (Fak. 1:7), egaa isa amanuun dhuunfaatti furtuu dha.
3. YHWH n rakkina isaa ilaaleera – BDB 906, KB 1157, *Qal* PERFECT (Bau. 3:7-8)
4. YHWH n rakkina isaa beekeera – BDB 393, KB 390, *Qal* PERFECT (mata duree addaa ilaali, Far.1:6)
5. YHWH n harka dinoota isaatti dabarsee isa hin kennine – BDB 688, KB 742, *Hiphil* PERFECT
6. YHWH n bakka bal'aa irraa miilla isaa dhaabbachiiseera –BDB 763, KB 840, *Hiphil* PERFECT, Far.18:19; 118:5; bakka bal'aa /kan bakka dhiphoo faallaadha, innis fakiiduu rakkinaa kan ta'e (Far.4:1; 18:19; 118:5)

**31:7** lakkoofsi kun tokkuummaa jechaa qabu.

1. Nan gammada– BDB 162: KB 189 *Qal* CHOHERETIVE
2. Na gammachiisa – BDB 970, KB 1333

▣

**NASB "arjummaa"**
**NKJV, LXX "haraara"**

**NRSV** **"jaalala qulqulluu "**
**NJB** **"jaalala amaname"**
**JPSOE** **"amanamummaa"**
**REB** **"jaalala hin kufne"**

Isaan kun hunduu hiika ingilliffaa ibsuuf kan isaan yaalan maqaa kakuu isa cimaa Hesdii dha. Innis kan YHWH kan hin cabne kutannoo kakuu mul'isa. Mata-duree addaa ilaali, Far.5:7 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 31:9-13

**9 Yaa Waaqayyo ati araara anatti argisiisi!**
**Ani rakkinattan jira, gadda irraa kan ka'e iji koo**
**Arguu dadhabe, lubbuun koo,**
**Namumman koos gad in adeeme.**
**10 Barri jireenya koo gaddaan,**
**Waggoonni koos aadnaadhaan darbaniiru;**
**Humni koo yakka koo irraa kan ka'e laafeera;**
**Lafeen koos qorqameera;**
**11 Warra na cunqursan durattu arrabsoodhaaf,**
**Olloota kootiifis muka ga'oo nan ta'e;**
**Warra ana beekan dhagnatu suuka'a;**
**Warri karaatti ana aran na baqatu*.**
**12 Ani akka nama du'eetti yaada namaa keessaa**
**Irraanfatameera, akka qodaa cabas ta'eerra;**
**13 "Doorsisi karaa hundumaa**
**Isa naanna'ee jira" kan jedhu,**
**Hasaasa dinootaa baay'ee nan**
**Dhga'a; wal ga'anii ana irratti mari'atu,**
**Lubbuu koo baasuufis anatti in malu*.**

**31:9-13** Buusaan kun qaaa namaa walakkaa isaa fayyadameera rakkina faarfattichaa ibsuudhaaf (BDB 865 II).

1. Ija (BDB 744) ; lak. 9 Far.6:7; 38:10
2. Lubbuu (BDB 659), lak. 10 (jechuun, *nephesh*, yaadannoo ilaali, Far.3:2 irratti)
3. Qaama (BDB 105), lak. 10
4. Qaama ("Lafeewwan koo," BDB 782), lak. 10

Dhiphinni (akka cubbuutti, lak. 10C; Faarfanna 32, 51) labsii foonii uuma.

1. Gadda
2. Sodaa
3. Humna dhabuu
4. Lafeen koo ni raafamu (gochama, BDB 799, KB 898, *Qal* PERFECT, akkaataa yaada barreefama kanatti yeroo lama faayidaa irra ooleera, lak. 9 fi 10 irratti akkasumas kan biraan yeroo tokko Kakuu Moofaatti, Far.6:7)

Baay'ee baay'ee yaala ammayyaa sammuudhaa fi qaama gidduu kan jiru walitti dhufeenya hubachuu dha. Isaan tokko (lak. 12).

**31:11** kun jecha arrabsoo fi jeeqamu, kana kan fakkaatee dhiiphaa qaamaa qabu, dhiibbaa hawaasaas ni fida.

1. Muka gahoo ta'eerrra, keessaa iyyuu olloota koo biratti.
2. Warra na beekan duratti sodaatamaa ta'eera
3. Namoonnis ana irraa baqatan
4. Nan hir'aanfatame (yaadaan alan ta'e) akka nama du'e

**31:13** lakkoofsi kun kan inni ibsu gocha diinoota isaatiti.

1. Arrabsaniiru (jechuun, jechoota isaanii sobaa kan itti fufuu hololo irratti dha, "iddoo hundatti jeequmsa")
2. Isa irratti sobaan mari'ataniiru
3. Hidhaniiru (BDB 273, Far.37:12) lubbuu isaa fudhachuudhaaf (wal cina lak. 2 wajjin) akkaata gochoowwan kanaatti, xiyaafataan "gooftaa koo, arjummaa kee naaf baay'isi" kan lakkoofsa 9 hubachuun kan danda'amuudha!

## MACAAFA FAARFANNAA: 31:14-18

**14Ani si amanadheerayaa Waaqayyo,**

**"Ati Waaqayyo koo ti" jedheera.**

**15 Barri koo hundinuu si harka jira,**

**harka warra diina anati**

**ta'anii fi warra na ari'atanii na oolchi*!**

**16Fuulli kee garbicha kee irratti akka ibsu godhi,**

**gaarummaa keetiin ana gargaari*!**

**17Yaa Waaqayyo, ani si waammadheera;**

**ani akka hin yeellasifamne anaaf godhi!**

**Warri jal'oonni haa yeellaasifaman,**

**gara iddoo lafa jalaatti gad bu'anii,**

**calluma haa jechisiifaman!**

**18Afaan sobduun kooraa fi tuffiidhaan**

**salphisee nama qajeelaa irratti**

**dubbatu haa hidhamu.**

**31:14-18** buusaan kun xiyyaafannoo gaaffilee kadhataa jiru, kan inni hundaa'uus

1. Amantii faarfattichaa, YHWH irratti (*Qal* PERFECT, lak. 6), lak. 14
2. YHWH n Waaqa isaati, lak. 14
3. Jireenyi isaa harka YHWH irra dha, lak. 15

Gaaffiiwwan kunoo.

1. Na fayyissi – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE, Far.7:2; 18:17; 22:20; 31:2; 39:8; 59:1; 69:14; 109:21; 119:170; 120:2, 142:6; 143:9; 144:7, 11 kun iyya laphee duuka buutota amanamooti, fayyuun hafuura irraa , sammuu dhaan, fi qaamaan kallattiiwwan jireenyaa, addunyaa kufeetti
2. Fuula kee ana irratti ibsi – BDB 21, KB 24, *Hiphil* xiyaafataa, Lak. 6:25-26; Far.4:6; 67:1; 80:3, 7, 19; 119:135
3. Waa'ee araara keef na fayyisi – BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE, yeroo baay'ee faarfannawwan irratti
4. Sodaachiisaa – BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole
5. Hamoonni ha sodaatan– BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole

6. Si’oolitti cal ha jedhan – BDB 198, KB 226, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayiidaa irra kan oole
7. Arrabni sobduun duudaa ha ta’an – BDB 47, KB 57, *Hiphil* IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole

**31:15 “Guyyoonni koo harka kee jiru”** duuka buutoonni amanamoon ni amanu, baay’ee fi kan bara bara Waaqayyoon beekamti duraa fi to’annoo jala ta’uu isaanii. (Iyoob 14:5, 16, 16; 28:24; 31:4; Far.139:1-16, keessa iyyuu lak. 16).

**31:17** faallaa isaa hubadhu.

1. Faarfattichi Waaqayyooti dubbata
2. -3. Inni hamaan cal jedheera (jechuun, du’a) yookaan dabalataan immoo isaan of-tuulummaan, of-jajuuni fi tuffiidhaan dubbatu namoonni dubbii isaaniitiin isaan beektu (Mat.12:35-37). Arrabni garaa mul’isa!

## MACAAFA FAARFANNAA 31:19-22

**19 Wanti gaariin inni ati warra si sodaataniif keesse,**

**Gaarummaan inni ati ilmaan namootaa duratti**

**Warra kooluu sitti galanitti**

**Argisiifte, attam baa’y’ee dha!**

**20 Ati waan namoonni koratanittii**

**Fuula kee duratti golbooba keetiin isaan in eegda;**

**Qoccolloo duraas godoo kee isaan in dhoksita*.**

**21 Yeroo inni mandara marfame keessa tureetti,**

**Waaqayyo gaarummaa isaa isa**

**Dinqisiisaa na argisiiseera;**

**Kanaaf maqaan isaa haa eebbifamu!**

**22 Ani illee yeroon waanan godhu wallaale,**

**“Ani si arguu irraa citeera”jedheen ture;**

**Ati garuu sagalee himata koo,**

**Isa ani gargaarsaaf sitti iyyadh anaaf dhageesseetta*.**

**31:19-22** buusaan kun kan inni eeru “Gaarummaa” YHWH ti dha (BDB 375, Far.145:7). Tarii buusaa kana hubachuun kan danda’amu YHWH n faarfaticha gaaffiiwwan kadhataa isaa erga deebisee booda dha, faarfannaa irratti duraan dursee kan argaman.

1. YHWH kan sodaataniif walitti kan qabame.
2. YHWH ti kan amananiif kan ta’e.
3. YHWH n saba isaa ni dhoksa
   A. Bakka iciitti argama isaa
   B. Hirkoo isaa/godoo bultii isaa
4. YHWH n arjummaa isaa faarfattichaaf ajaa’ibsiisaa godheera.
5. YHWH n kadhata isaa dhaga’eera.

**31:19 “Fuula ijoollee namaa duratti”** YHWH n ittisuu fi eeguu qofa hin godhu, ta’us garuu isaa wajjin kan qabnu walitti dhufeenya ta’u qabu fuula dinoota keenyaa duratti ni beeka (Far.23:5).

**31:20** bakki icciiti keessi isaa (yookaan duubni isaa) iddoo buufataa jiruu dha kan iddoo bultii/mana qulqullummaa (Far.27:5).Kun bakka adda ta’e ture argamuu qaamaa YHWH kan ittiin mul’atu (jechuun, gabatee kakuu).

**31:21 "Magaalaa marfame"** homaa illee seenaa dubeessaa faarfannaa kanaa (bakka) beekuu yoo baanes, gaaleen kun fakiiduu fakkaata. Innis waa'ee nama dhuunfaa ibsa, cubbamootaan, hamootaan, namoota sobduun akka marfameetti kan itti dhaga'amu.

Amma illee faarfattichi kan dhiifame yoo itti fakkaatees, YHWH n akka dhaga'uu fi , karaa isaan akka hojjetamu amana. Barreefamni piroojecti UBS (fuula 213) kanaaf dubbiisa sadarkaa"A" kennaaf, "Dhiphinna keessatti," faalladhaan NASB keessatti yoo argames.

JPSOE gaalee kana kan inni hiiku YHWH n maaliif "eebbifamuu" akka jiraachiisuuf amala kennuudhaaf, 31:22A. inni cimaa fi kan hin jijjiramnee dha (jechuun, "daannoo jabaa"). Qayyabannaa Kitaaba qulqulluu Yihuudi mudannoo kana kan inni wal qabsiisu "Kattaa jabaa" "Daannoo" "kellaa" YHWH irraati (jechuun, kattaa) fi "Daannoo" wajjini dha, 31:2-3 irratti (fuula 1316).

**31:22 "Ani si arguu irraa citeerra jedheen ture"** qayyabannaa kitaaba qulqulluu Ayihuudii (fuula 1316) gaalee kana kan inni hiiku "Mana qulqulluummaa irraa hafuu" hiika jedhuu dha (jechuun, 2Sen. 26:21, achittis gaalee wal fakkaataa faayidaa irra kan inni oole, Uziyaan akka lamxiitti gara mana qulqulluummaa dhaquu kan inni hin dandeenyeef). Gochama kanaan bifa Nifaal (BDB 173, KB 202) as qofatti kan inni argamu, Kakuu Moofaatti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 31:23-24

**[23]Isin warri isaaf of kennitan hundinuu**

**Waaqayyoon jaalladhaa!**

**Waaqayyo warra amanamoo in eega,**

**Koortuudhaaf garuu**

**Isa inni hojjete irra dabarsee in deebisaaf.**

**[24]Isin warri Waaqayyoon eeggattan hundinuu,**

**Jabaadhaa, laphee jabaadhaas!**

**31:23-24** Faarfannaa irratti yeroo hundaa akka ta'e buusaan inni xumuraa kan inni ta'u

1. Of-eeggachiisa
2. Gorsa
3. Kadhata xumuraa

Asitti lak. 2 dha. Gochaamni jalqabaa lakkoofsoota lamaan xiyyaafannoo baay'ee dha.

1. YHWH jaalladhuu – BDB 12, KB 17, *Qal* IMPERATIVE, gochamni kun yeroo hundaa kan inni ibsu jaalala YHWH yookaan lakkoofsa qeenxee ta'ee jaalala faarfatichaati
2. Jabaadhu – BDB 304, KB302, *Qal* IMPERATIVE, innis wal fakkaataa duukaa bu'a, BDB 54, KB 5, Hiifil dhiibbaadhaan (wal cinummaa Ibirootaan)

**31:23 "Qulqulloota"** kun kan inni argisiisu duuka-buutota amanammoo dha (Far.30:4, 37:28, 50:5), ergamaa osoo hin taane (Far.29:1).

▣ Shaakala jireenyaa ( fi shaakala jiraani asi) kan

1. Amanamaa – BDB 52 I
2. Warra koortuu – BDB 793 I, KB 889, *Qal* PARTICIPLE BDB 144

faalleesseera.

1. Eegameera – BDB 665, KB 718, *Qal* PARTICIPLE
2. Bakka buufameeraaf – BDB 1022, KB 1521, *Peil* PARTICIPLE

**31:24** Gorsa akkamiiti, duuka buutota amanamoo hundumaaf (Far.27:14; 37:34; 62:5; 130:5; Isa. 25:9)!

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfattichii rakkina akka kanaa keessa maaliif ta'e?
2. Rakkina cubbuun fiduu kan qaamaa fi hawaasaa tarreessi.
3. "Qaanii" akkaataa Kakuu Moofaatti ibsi.
4. Lakkoofsa 21 akkuma jiruutti yookiis Fakiiduudhaan?
5. Nama dhuunfaa tokkoon kan barreefame faaruun baay'een maaliif bifa walitti qabameen raawwaatamu?

# FAARFANNAA 32

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Eebba araaraa fi Waaqayyotti amanachuu | Gammachuu isa dhiifama taasisuu | Fayyinaaf galata galchuu | Qalbii diddiirrannaa fi dhiifama | Fedha cubbuu isa kallatiidhaan |
| Seensa MT kan qabu Faarsaa Daawiit. Maski | | | | |
| | 32:1-2 | 32:1-2 | 32:1-2 | 32:1-2 |
| 32:1-2 | | | | |
| | 32:3-5 | 32:3-4 | 32:3-4 | 32:3-4 |
| 32:3-7 | | | | |
| | 32:6-7 | 32:5 | 32:5 | 32:5 |
| | 32:8-9 | 32:6-7 | 32:6-7 | 32:6-7 |
| | | 32:8-9 | 32:8-9 | 32:8 |
| 32:8-11 | | | | |
| | 32:10-11 | | | 32:9 |
| | | 32:10-11 | 32:10-11 | 32:10 |
| | | | | 32:11 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Seensa MT irraa kan ka'e beektooni kan isaan amanan faarfannaan kun, akka faarfannaa 51 kan inni eeru cubbuu Daawiit (jechuun, wal qunaamtii saalaa Bershaabee wajjin raawwachuu fi, Oriyoonin ajjeessuu isaa, 2Saamu'el 11), dhoksuu 2Saamu'el 12), fi dhiifama gochuu (jechuun, homaa illee rakkina cubbuu maatii isaa yoo balleessees). Rom. 4:7-8 irrattiPhaawulos kan eerame 32:1-2 (LXX) Daawitiin akka argisiisuu dha.

B. Kun dhugumatti ni danda'ama, garuu tokkummaa bal'aa ta'ee fi kaayoo kan qabuu dha (kan lakkoofsa 11 baay'een). Cubbuu fi rakkoon isaa namoota hundumaan kan baratamanii dha (Rom. 1:8-3:18), namoota kakuu illee yoo ta'an (Rom. 7; 1Yohaannis 1:5-10).

C. Rakkinoota fooni faarfattichaa, gochawwan araara Waaqayyoo namni kakuu isa hamaan/hameenyaan akka turan hin goone (Ibr. 12:7-13). Rakkinoonni cubbuu jiru, Waaqayyoof ha galatu, Waaqni araaraa isaanis osoo jiraatanii nu deemsisu turan. Cubbuun akka baay'atu, ayyaanni isaa immoo akkasumas baay'ateera (Rom. 5:20).

D. Inni tokko ibsu danda'a, haaloota kamiin, fi dhimmooni aadichaaf giddu galeessaa akka ta'e, isa ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan lakkoofsa jechaa. Ifaa kan ta'e Israa'ee hameenyummaa kakuu kan inni argisiisu ta'uu isaati (1Mot. 8), dabalata araaraa isaan. Cubbuudhaa fi hameenyaaf jechoonni baay'een jiru.

E. Faarfannaa 31 fi faarfannaa 32 bakka tokkootti godhame ta'uu danda'a, qopheessaan yookiin kan jabeessuun, lammanuu waa'ee cubbuu bu'aa foonii sababa ibsaniif (Far.31:9-10; 32:3-4).

F. NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu (fuula 769) waa'ee warra dubbatanii yaad-rimee ajaa'ibsiisaa kenna.
   1. Daawitii fi YHWH gidduutti haasaa godhame, mana qulqullummaa keessatti, lak. 1-2
   2. Daawitti YHWH tti yeroo dubbatu , amantotni walitti qabaman dhageeffachaa, lak. 3-7
   3. Lubichi Daawitiin yeroo hasoofsiiu, karaa YHWH tiin, lak. 8-10
   4. Daawiit amantoota walitti qabaman yeroo hasoofsiisu lak. 11

G. Faarfannaan kun xiyyaafannoo kan inni itti kennu
   1. Cubbamoota ta'uu namootaa
   2. Amala araara Waaqayyoo
   3. Namni cubbamaan Waaqa qulqulluu fuulduratti akkamitti fudhatama akka argatu (jechuun, qalbi jijjirannaa)

Kan Phaawuloos Faarfannaa 32:1-2 akkaataa fayyadamaa, Rom. 4 irratti, achitti fakkeenyoota Kakuu Moofaa kan inni ibsuuf, "tollii ayyaanaan karaa amantiin" (Rom. 3:21-31; Gal. 3; Efe. 2:8-9), kan inni ibsu akkaataan qabiyyee barreefamichaa akka fakkeenya Kakuu Moofaa ta'uu isaati, ergaan isaa Kakuu Haaraati kan jiruu fi dursi kan kennameef. Tokko dhiifama akka godhu kun isa isa guddaa dha, ammam illee karaa Izaa araaraatiin (jechuun, Wangeela Kristoos) eeruu yoo baatees. Inni ammas ifatti beeksiisa, araaraan kan guutame, ayyaana isaa, argamuu kan danda'uu araara YHWH (jechuun, "Ka'eera dhabamsiifameeras" kanaaf "qadaadameera").

YHWH n Daawiif dhiisuu erga danda'ee, siifis siif dhiisa! Abboomamuudhaa fi qalbi jijjirachuun fudhadhu! Achi irraas abdiiwwan isaan dhiifamaaf dhaabbadhu!

## MACAAFA FAARFANNAA: 32:1-2

**1 Namni irra-daddarbaan isaa dhiifameef,**

**Cubbuun isaas deebi'ee akka hin argamne**

**Godhameef haa gammadu!**

**2 Namni Waaqayyo yakka tokko**

**Illee irratti hin lakkoofne,yaada isaa keessas**

**Haxxummaan hin jirre haa gammadu*!**

**32:1 "Kan eebbifame"** jecha jedhu (BDB 80, Far.1:1, yeroo 26 faayidaa irra ooleera, yeroo 45 keessatti, faarfannaa irratti) irra deddeebi'aadha, barreefama ogummaatiin, duuka-buutota amanamoo mul'isa.

1. Iyoob 5:17; Far.94:12 – *Shadahiin* kan ifatame
2. Faarfannaa 1:1 – qayyabannaa sagalee Waaqayyooti fi tarkaanfii

3. Faarfannaa 2:12 – YHWH tti amanachuu
4. Faarfannaa 32:1-2 – cubbuun dhiifameera
5. Faarfannaa 40:4; 84:12; Fak. 16:20 – YHWH tti amanita
6. Faarfannaa 41:1-3; 3; Fak. 14:21 – hiyyeessa yaadata
7. Faarfannaa 80:6 – YHWH dhaan jabataa
8. Faarfannaa 89:12 – gammachuu beeka kanaaf hiyyama YHWH tiin adeema
9. Faarfannaa 119:2 – isa garaa guutuudhaan ni barbaada, dhuga-baatii isaa yaadata
10. Faarfannaa 112:1; 128:1 – YHWH ni sodaata, karaa isaa irras ni deema
11. Faarfannaa 146:5 – YHWH n gargaaraa isaati
12. Fakkeenya 3:13 – ogummaa isaa argata
13. Fakkeenya 8:32, 34 – YHWH dhageefata, karaa isaas ni eega
14. Fakkeenya 28:14 –YHWH sodaata
15. Fakkeenya 29:18 – Seera YHWH kabaja

Kan faarfannaa kanaa kan jalqabaa lakkoofsonni laman LXX irraa Phaawulosiin eeramaniiru, Rom. 4:7-8 irratti, Rom. 4:7-8 irratti, fakkeenya Daawitiin, akka nama qajeelaa, cubbuun isaa waan dhiifameef.

Jechoota adda addaa hubadhu, YHWH irratti finciluu ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan (lak. 5).

1. Irra daddarbaa – BDB 833, KB 981, innis kan inni eeru heyyama Waaqayyoo kan ta'e ta'I jedhee cabsuu dha (jechuun, kakuu)
2. Cubbuu – BDB 308, KB 306; innis kan inni ibsamu dogogoruudhaan (BDB 306) kaayyoo ka'aameef, irra deebiin beekuu dhiisuuf miti, fedha ofiin malee
3. Irra daddarbaa – BDB 730, KB 799; hojii dogogoraa, cubbuu (lakk. 1, 2, 3 iddoo tokkootti raawwatama Bau. 34:7; Lew. 16:21; Iyoob 12:23; asitti; Isa. 59:12; Hiz. 21:24; Dan. 9:24)
4. Dogogoruu – BDB 941, KB 636, dogogoruu jechuu dha , gowoomsuu, saala dhalaa isaa jijjiiruu (yeroo lama) mudaa malee ta'uu argisiisuuf (UBS *Handbook* fuula 303).

Kan YHWH (keeyata raawwii Booz hubadhu) dhiifamni kan ibsamuu cubbamootaaf dinqii kennamee dha, araara Waaqayyootii fi qalbi jijjirachuu isaanii irratti hundaa'uun (kun yaad-rimee barumsa hafuuraati, kan hirmaanaa [BDB 362, KB 359, Uma. 15:6; Rom. 4:3; Gal. 3:6]).

1. Dhiifameeraaf ("Gara olitti ol kaafamee fudhatameera") – BDB 669, KB 724, *Qal* PASIVE PARTICIPLE jecha raawwii keeyata Booz, Bau. 32:32; 34:7; Lak. 14:18, 19; Mik. 7:18; jecha wal fakkaataa alta'aa godhamera Bau. 23:21; Iya. 24:19; Iyoob 7:21; Isa. 2:9 irratti
2. Qadaadameera (jechuun, ilaalchan ala godhameera, yaad-rimee barumsa hafuuraa Isa. 38:17; 43:25; Mik 7:19) – BDB 491, KB 487, *Qal* PASIVE PARTICIPLE.

Bu'aan isaa ammam yoo sukumame\nama hameenya hin qabnee dha (Yohannis. 1:47). Kana jechuun cubbuu kan hin qabne jechuu miti, qalbii jijjirannaan kan ta'uuf malee

**32:2 "Nama"** kun jecha Ibirootaa Addaami dha (BDB 9). Kutaa gara fuulduraa Uumamaa irratti (Uma. 1-3) inni kan inni argisiisu Addamii dha, uumama namaa isa jalqabaa, ta'us garuu inni kan inni geessu bifa wali gala qaamaati.

**MACAAFA FAARFANNAA:32:3-7**

**3 Yeroon cubbuu koo himachuu dhiisetti,**
**Guyyaa guutuu aaduu kootiif**
**Namummaan koo gad dhume;**
**4 Guyyaa fi halkan harki kee**
**Waan anatti ulfaateef,**
**Humni koo akka waan ho'I bonaa**
**Rukuteetti na keessatti in goge. Selah.**

[5] **Yommus ani cubbuu koo sitti nan himadhe,**
**Yakka koos ani hin dhoksine;**
**Ani, "Irra-daddarbaa koo**
**Waaqayyo nan himadha" nan jedhe;**
**Ati immoo yakka cubbuu kootiif**
**Anatti murame anaaf dhiifte*.** **Selah.**
[6] **Egaa namni siif of kenne hundinuu,**
**Yeroo rakkinaatti si barbaadee si haa kadhatu;**
**Yommus bishaan gurguddaan**
**Yeroo isatti huursanitti,isa bira hin ga'an.**
[7] **Ati anaaf golgaa koo ti,**
**Ati rakkina irraa ana in eegda;**
**Furuu keetinis ilelleen akka na marsu in goota.**
**Gammaduu keessan guddisaa dhageessisaa!** **Selah.**

**32:3-7** buusaan kun karaawwan lama falleessa, cubbuu kan ilaalate.

1. Cal jechuu, isa dhoksuu
   a. Lafeewwan ni baduu, Far.31:9-10
   b. Guyyaa hundumaa ni iyya
   c. Faayidaa ("Jidhiinsa," BDB 545, Lak. 11:8; asitti faayidaa irra kan oole dhangala'aa qaamaatiif) waraabamee dhume (kitaaba qulqulluu TEV kan inni jedhu "balleessaa koof," sirreefama jedhuu dha fuula 888 lak. 29)
2. Beekamtii kenna, in himata
   a. YHWH n irra daddarba cubbuu ni dhiisa (Bau. 34:7, Lak. 14:18, Far.85:2)
   b. Miira fayyinaa ni deebisa
   c. YHWH n irra deebiin bakka dhokkanaati
   d. YHWH n rakkina irraa isa eega
   e. Inni faarfannaa fayyisuutiin marfameera

Harka YHWH irratti naanneefamuun jechaa jira, Firdii irratti ni jabaata (lak. 4; Far.38:2; 39:10; Iyoob 23:2) ta'us garuu qalbi jijjjiranaan inni isa eega (lak. 6-7)

**32:4, 5, 7, "Selaahi"** Far.3:2 irra yaadannoo jiruu fi kan Faarfannaa VIII seensa ilaali.

**32:5 "Nan himadha"** kan hololoo 1 fi 2 walcinummaan isaa gochama darbee darbee hiika gaaffata (BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT bifa tokkummaatiin faayidaa irra kan oole). Yeroo hundumaa gochamni *Hiphil* irra jiru hiikni isaa "galata dhi'eessu," dha, ta'us garuu ta'us akkaata qabiyyee haala barreefamaa muraasaan "himuun" hiika wali galaati.

1. 1Mot. 8:33; 35; 2Sen. 6:24 kan eeramu "maqaa YHWH dhugaa- ba'uu"
2. Asii fi Fak. 28:13 irratti qabiyyeen barreefamaa kan inni eeru "cubbuu himachuu" dha

**32:6 "Ati yeroo argamtuutti"** gaalee wal dhahaan kun karaa baay'eedhaan hubachuun ni danda'ama.

1. Kan miindafame/ yeroo mijataa qalbi jijjjirannaaf qabaata (LXX, Vaalget, NJB)
2. Yeroo rakkinaatti yookaanyeroo dhiphinnaatti kadhachuu (2Sen. 15:4; foyyeessaa NRSV,TEV, NJB)
3. MT "yeroo argamuutti" kan jedhu qaba (Fak. 103:8-14; Isa. 55:6). JPSOE kana kan hiiku "yeroo bira gahameetti [cubbuu isaa] kan jedhuun."

▣ **“Bishaan badiisaa baay’ee”** bishaan, bishaan lolaa, yeroo hundaa faayidaa irra kan inni oolu akka rakkinaa/dhiphina/miidha fakiiduuti, Far.69:1; 124:5; 144:7 fi baay’ee bifa bareedeen Isa. 43:2 irratti).

**32:7** Kun iddoo bulti/mana qulqullummaa kan ibsu dha. Faarnannaa galaataa faaruuwwan waaqefannaa, yookaan seerata waaqefannaa.

## MACAAFA FAARFANNAA: 32:8-11

**8 Waaqayyo, “Waan gochuun siif ta’u sin hubachiisa,**
**Karaa irra adeemuun siif ta’u sittan argisiisa;**
**Sin gorsa, ija kootiinis sin to’adha*.**
**9 Ati akka fardaa fi gaangoo**
**Warra waa hin hubannee hin ta’in!**
**Luugamaa fi amartii isaatiin**
**Ofitti yoo harkifte malee,**
**Isaan sitti hin dhi’aatan” in jedha.**
**10 Dhiphinni warra jal’ootaa baay’ee dha,**
**Gaarummaan Waaqayyoo garuu**
**Nama isa amanatu in marsa.**
**11 Isin qajeeloota nana,**
**Waaqayyotti gammadaa ililchaas!**
**Isin warri gara-qajeelinnos,**

**32:8-11** Faarfattichi ofii isaati dubbata (Fi kan biro, lak. 5) haala YHWH tiin. Deebiin hafuuraa kanaa fi, lak. 8 (wal cina sadiin)!

1. Lakkoofsa 5, irra daddarba koo nan himadha – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT bifa cinaatiin faayidaa irra kan oole (yaadannoo guutuu lak. 5 irratti ilaali)
2. Lak. 8 nan barsiisas– BDB968, KB 1328, Hifil PERFECT bifa cinaatiin faayidaa irra kan oole
   Nan barsiisas – BDB 434, KB 436, *Hiphil* IMPERFECT bifa wal cinaan faayidaa irra kan oole
   Nan gorsas – BDB 419, KB 436, *Qal* CHOHERETIVE jecha cinaan, Far.16:7

**32:8 “Karaa kee irratti”** kun jireenya gaariidhaaf ciigoo dha (Faru.1:1; 25:8-9).

▣ **“Ija koo si irratti nan qayyabadha.”** Kun kunuunsa dhuunfaatii fi ciigoo argamuu ti (32:18; Far.34:15) [1Phex. 3:12 irratti eerameera], Iyoob 36:7).

“Ijaa” f YHWH f fayidaa irra kan oole mata-duree addaa ilaali: Waaqayyoo akka namoomsuutti yeroo ibsamu (namummaan) Faarfannaa 2:4-6 irratti.

**32:9** namni (kan lakkoofsa baay’ee) qalbi kan hin jijjirannee kan hameenyuummaa, bifa horii manaatiinkan inni ibsame (Isa. 1:2-3). Namni kufe kan inni jiraatu sadarkaa bineensootaati, amallii isaas “Waan ta’ee yoo ta’es ana anaaf qofa!” kan jedhu.

▣ Dabalataan faallaan isaa.

1. Cubbammaa – gadda baay’ee
2. Duuka buutuu amanamaa (jechuun, “YHWH kan amanatu”), amanamummaani fi jaalali kakuun isa marsa (32:7B)

▣ **“Arjummaa kee”** mata-duree addaa ilaali, Far.5:7 irratti.

▣ **"Isa marsas"** gochamichi (BDB 685, KB 738, Pool IMPERFECT) irra deebiin lak. 7 irratti faayida irra ooleera, faarfannaa ooluu fi asitti arjummaa YHWH (dabalataanis Kes. 32:10 ilaali; addessi isaa Far.34:7; 125:2) irratti faayidaa irra ooleera . ciigoo akkamiiti, argamuun eegumsa YHWH !

**32:11** Duraa fi aanteen lakkoofsa baay'ee xiyyaafannoon isaa, duuka buutuu amanamaa barsiisuuf.

1. Gammadi – BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERATIVE
2. Gammachuu qabadhu – BDB 162, KB 189, *Qal* IMPERATIVE
3. Gammachuudhaan iyyi – BDB 943, KB 1247, *Hiphil* IMPERATIVE

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Rakkinoota qaamaa tarreessi, cubbuu hin himatamne wajjin kan walitti dhufan. "Himachuu" maal jechuu dha?
2. Faarfannaa 32 fi 51 akkamitti walitti dhufuu?
3. Lakkoofsi 6A maal jechuu akka ta'e ibsi. Yeroon itti himatan ni darba ta'aa (jechuun, carraa foddaa)?
4. Lakkoofsa 8-9 irratti eenyudha kan dubbatu?

# FAARFANNAA 33

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo mormii hamootaatiif gargaaraa dha<br>Seensa MT kan qabu " Angafa farfattootaaf meeshaa faarfannaa ribuu saddeet qabuun Faarsaa Daawiit" | Hammeenya namaatii fi dhaabbachuu Waaqayyoo | Diinota dhuunfaa irraa ooluudhaaf (booyicha) | Kadhata Gargaarsaa | Biyya lafaa hamaadhaan mormuudhaan |
| | | | 12:1-2 | |
| 12:1-5 | 12:1-2 | 12:1-2 | 12:3-4 | 12:1-2 |
| | 12:3-5 | 12:3-4 | 12:5 | 12:3-5 |
| | 12:6-7 | 12:5-6 | 12:6 | 12:6 |
| 12:6-8 | 12:8 | 12:7-8 | 12:7-8 | 12:7-8 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu (fuula 770) kan inni jedhu faarfannaan kun kan waaqefannaa 'ta'uu isaati.
   1. Faarfatoota Leewwi
      a. Geggeessaa, lak. 1-3
      b. Faarfatoota, lak. 4-19
   2. Deebii walitti qabama amantootaa, lak. 22-23

B. Inni maqaa MT hin qabu (akka faarfannaa 1, 2, 10), ta'us garuu "Faarfannaa haaraa," lakkoofsa 3 irratti, kan inni argisiisu seenaa barbaachiisaa isa guddaa ta'ee dha. Lak. 16-17 sababni hunduu kan inni argisiisu mo'icha loltuuti.

C. Ani ani ajaa''ibsifadha, kaayoowwan duubessaa YHWH hundumaa, innis namoota ;hundaa kan of keessatti qabatu (jechuun, "Hundumaa" kan jedhu fayyadama ilaali, 33:8, 13-15). Kan lak. 3B mirkaneessaa naasisaa ilaali! Guutummaa tarreefama barreefamaa ilaali, innis saba orma of keessatti qabachuu isaa kan argisiisu, kaayyoo ga'umsa YHWH n kakuu irratti jalqabaa jalqabe akka ta'e, yaadannoo koo 33:10-12 irratti.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 33:1-5

**1 Isin qajeelota nana, Waaqayyotti gammaduu keessan**

**Guddisaa dhageessisaa!**

**Waaqayyoon jajachuun warra qajeelotaaf in ta'a.**

**2 Kiraaraan Waaqayyoon galateeffadhaa,**

**Mi'a ribuu kudhan qabuun isa faarfadhaa!**

**3 Faarfannaa haaraadhaan isa faarfadhaa!**

**Ribuu mi'ichaa ba'eessa godhaa bubbutaa,**

**Gammaduu keessan guddisaa dhageessisaa*!**

**4 Dubbiin Waaqayyoo qajeelaa dha,**

**Hojiin isaa hundinuu immoo amanamaa dha.**

**5 Inni qajeelummaa fi wanta seeraan eegame in jaallata,**

**Laftis gaarummaa Waaqayyootiin guutuu dha.**

**33:1-5** Lakkoofsonni jalqabaa sadan haala faarfannichaa ni kaa'uu, Waaqayyoon galateeffachuuf (jechuun, xiyyaafannoo wal cinaa shan).

1. Waaqayyoof gammachuudhaan faarfadhaa – BDB 943, KB 1247, *Peil* IMPERATIVE (gochamni wal fakkaataan kun Faarfannaa 32 of keessatti qabata)
2. Galata – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Isaaf galata faarfadhaa –BDB 274, KB 273; *Peil* IMPERATIVE
4. Isaaf faarfadhaa – BDB 1010, KB 1479, *Qal* IMPERATIVE
5. Faarfannaa gaarii faarfadhaa (BDB 618, KB 668, *Peil* caasefama hin murtoofne) gammachuun illillee – BDB 405, KB 408, *Hiphil* IMPERATIVE

Lakkoofsa 4 fi 5 galataaf sababa kenna.

1. Jecha YHWH s (BDB 182) qajeelaa dha (BDB 449)
2. Hojiin isaa hunduu kan raawwataman amanamummaadhaan (BDB 53, mata-duree addaa ilaali Far.12:1 irratti)
3. Inni tola jaallata (BDB 842, Far.1:5 irratti mata-duree addaa ilaali) fi firdii (BDB 1048, Far.9:5-6 mata-duree addaa ilaali)
4. Lafi arjummaa Waaqayyoo argiteetti (BDB 338, Far.119:64; mata- duree addaa ilaali Far.5:7 irratti

Furtoo nagaa fi fayyinaa amantii duuka buutota amanamoo fi amanachuu dha, kan hin jijjiramneen, oolchaadhaan, amala ayyana isaan hundeessa kakuu Waaqa irratti (Far.102, 27; Mil. 3:6; Ibr. 13:8)! Inni olaanaan amala kiitaba qulqulluu Waaqayyoo dha! Inni seenaa isaati! Inni karooraa fi kaayyoo isaati!

**33:2** Kirrii **(**ribuu) meeshawwan ibsamaniiru.

1. Maseenqoo (BDB 490) – kun lama yookaan ribuu afur qabaata. Innis faayidaadhaan (baha dhi'oo durii) tti bal'inaan faayidaa irra oolaa ture. Kunis, Daawit mooticha Sa'ooliif kan inni taphatuuf ture, cimina hafuuraa akka argatuuf (1Sam. 16:16).
2. Kiraara abbaa ribuu kudhanii (BDB 614 caaseefamni BDB 787). Innis kan meeshaallee kutaa ramaddii ti, lamaanuun kan kaayyootii fi yoomessa waaqaeefannaaf faayidaa irra kan oolu (1Sam. 10:5).

▣ **"Faarfannaa haaraa"** kan faayidaa (baha dhi'oo durii) sabni faarfannaa kan isaan barreessan tibbawwan jalqabaa fi namoota yaadachuudhaan ture (Bau. 15; 1Sam. 22). Asitti namni dhuunfaa YHWH dha, uumaan (Far.40:3; 96:1; 144:9; 149:1; Isa. 42:10; Mul. 5:9; 14:3).

## MACAAFA FAARFANNAA : 33:6-12

**6 Bantiiwwan waaqaa dubbii**
**Waaqayyootiin, wanti bantiiwwan waaqaa**
**Keessatti argamanis hafuura afaan isaa keessaa**
**Ba'uun hojjetaman*;**
**7 Galaana akka tuullaa midhaaniitti**
**Walitti in sassaaba, bishaan baay'ees**
**Wanta akka gombisaatti in galcha*.**
**8 Biyyi lafaa guutummaatti Waaqayyoon ha sodaatu,**
**Namoonni lafa irra jiraatan hundinuu**
**Isaaf safuu ha buufatan!**
**9 Inni in dubbate, wanti inni dubbates in ta'e;**
**Inni in abboome wanti inni abboomes ka'ee dhaabate*.**
**10 Waaqayyo mare saba lafa irraa**
**In diiga, yaadni namoonni qopheessanis**
**Hojii irra akka hin oolle in godha*;**
**11 Mareen Waaqayyoo garuu bara**
**Baraan in dhaabata, yaadni garaa isaas**
**Dhalootaa hamma dhalootaatti in hojjeta.**
**12 Sabni gooftaan kun Waaqayyo isaa ta'eef,**
**Warri Waaqayyo ofiif isaan fo'ates haa gammadan*!**

**33:6-12** buusaan kun dhugaawwan lama qabu.

1. YHWH n uumaa dha, lak. 6-9 (mata-duree addaa ilaali: murnummaa, Far.2:7 irratti)
2. YHWH n ormaaf kaayyoo qaba, lak. 10-12 (mata-duree addaa ilaai, Far.2seensa irratti)

**33:6 "Sagalee Waaqayyoo"** kun dhugumatti kan inni callaqqisiisu Uumama 1-2 (Faarfannaa 104) dha. Sarara kalatiitiin www.freebiblecommentary.org Uumama 1-2 irratti kan jiruu hiikni yaada bal'aa yeroo isaanitti fudhateera akka ilaaltaniitti abdiin qaba.

Akkaataa yaada warra Ibirootaati, Uumamni homaa irraa miti (*ex nihilo*) jecha dubbiitiin (fiat, Far.33:9; Uma. 1; Far.148:5; 2Qor. 4:6; Ibr. 11:3). Dubbiin Waaqayyoo ciigoodha, yaada Waaqayyootiif yookaan fedha isaaf. Amantootni ammayyaa dhimma baay'ee irratti walitti bu'u, Uumama 1-2 wajjin kan wal qabateen. Kitaaba haaraa Jon Walten, kan uumamaa addunyaan bade tokko anaaf eebba baay'ee ta'eera, dhimoota kana irratti wal'aansoo yoon wal qabu.

▣ **"Samiiwwan"** kun kan inni argisiisu haala qilleensaa lafaa ol jiruu dha. Warri durii kan isaan argisiisan akka kakuu cirrachaati, qodaa diriirfame, foddaawwaan roobaa akka jiran. Kitaabni qulqulluun "saayinsii-kan faalleessan) ta'uu dhiisuu isaa yaadadhaa, "Saayinsiin dura" malee. Innis wantoota ni mul'isa, qaamoota miiraa shananiin, galumsa ta'aniin (jechuun, qooqa ta'ii). Hiika akkuma jirutti Warra ammayyaa lixaa irraa of-eegadhaa. Kitaabni qulqulluun kitaaba warra bahaa duriiti! Kitaabni qulqulluuf yeroof sagalee Waaqayyoo ta'uutu irra jira, yeroo keenyatti sagalee Waaqayyoo ta'uun fuuldura.

Hiika kitaaba qulqulluuf dhimma qajeelfama ta'uu qabanii yoo kan yaadan taatan seeminarii kitaaba qulqulluu kooti ilaalaa (vidiyoo, kan sagalee, kitaaba barreefame) www.freebiblecommentary.org irratti.

▣ **"Loltuuwwan isaanii hunduu"** kun kan inni argisiisu kan addunyaa kanaa uumama xumuramee dha (Uma. 2:1). Kan durii ifni samii kan isaan argisiisan (Aduu, Ji'a, urjillee, Pilaanetoota, bakalcha darbatamaa) hawwaa irra akka naanna'aanii dha. Isaan waaqa tolfamoo miti, ta'us garuu uumama bareedaa YHWH kan kaffalam malee. Uumamaa 1 akkaataa barumsa hafuuraatti tajaajila qaba, waaqni tolfamaan warra Baabiloon xureesuuf, akka Ba'uu 7-11 dha'ichii waaqa tolfamoo warra Gibxii xumreessuuf faayidaa irra akka oolan.

**33:7** "Kan bishaanootaa" mata-duree addaa fuulota baay'ee qabu.

1. Uumamni adda baasee Waaqayyo bishaan akka uume hin eeru.
2. Faayidaan (baha dhihoo durii) himee bishaan ashaboo fi bishaan qulqulluu waaqa tolfamoon turaniiru. YHWH n isaan mo'ate!
3. Bishaan YHWH dhaaf meeshaa murtoo turee, kanaaf irra deebiin Nohiin jalqabameera (Uumama 6-9).
4. Bishaan faayidaaf (baha dhihoo durii) sabni isa olaanaa ture. Isaan waaqefannaa waaqa tolfamaa wal horuu jalqabanii turan, marsaa dhaabbataa uumamaa karaa ittiin mirkaneessan (jechuun, roobni yeroo isaatti).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV,** | |
| **NRSB** | **"akka kuufamaa"** |
| **NASB miiljala** | **"qalqla bishaaniin"** |
| **NRSV** | **"akka qaruuraa"** |
| **NJB** | **"akka jal'isii"** |
| **LXX** | **"akka qalqalawayinii)** |
| **JPSOE** | **"akka kuufamaa"** |

MT "kuufama" kan jedhu qaba (BDB 622,דנ , Bau. 15:8; Iya. 3:13, 16; Far.78:13). Inni Uma. 1:9 kan eeru fakkaata. Pirojektii barreefamaa UBS sadarkaa"B" kenna, (jechuun, shakkii muraasa).

Mudannoo NASB , NKJV, LXX kan isaan fudhatan hundee addaa irraati, BDB 609 (Iya. 9:4, 13; Abo. 4:19; Far.56:8; 119:83).

Hundee Agadiyaa fi Ugaariti qaba, כנד , hiikni isaas "okkotee" yookaan "qaruuraa."

**33:8** Lakkoofsi kun kan inni jalqabu lakkoofsota lamaan, bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oolan (jechuun, "akka....).

1. Guutummaan lafaa YHWH ha sodaatu/ha kabajuu (BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT, Far.67:7
2. Lafa irra kan jiraatan hunduu (mata-duree addaa ilaali Far.1:2 irratti) naasuudhaan ha dhaabbatan (BDB 158, KB 185, *Qal* IMPERFECT) isa irraa kan ka'e

Wal cinummaa hubadhu. YHWH n sodaatamuutu irra jiraata, uumama osoo hin taane. Har'a diini amantii kitaaba qulqulluu, hawaasa warra bahaa "uumamummaa" dha, bakka bu'umsa kan hin qabne, hawwaa kayyoo hin qabne.

**33:9** Lakkoofsa 6 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**33:10-12** cimsa barumsa hafuuraa, uumama foonii wajjin kan wal qabate, amma kan inni irratti xiyaafatu kaayyoo uumama sanaa irratti, innis uumaa ;wajjin tokkummaa (Uma. 1:26, 27; 3:8).

"Sabni" (jechuun, orma) yaada lamataa miti ta'us garuu jalqabuma irraa yaada YHWH ti malee (Uma. 3:15; 12:3; Bau. 19:5; Far.22:27; 66:1-4; 86:8-10; Isa. 2:2-4; 12:4-5, 25:6-9; 42:6-12; 45:22-23; 49:5-6; 51:4-5; 56:6-8; 60:1-3; 66:23; Mikiyaas 4:14; Mil. 1:11; Yohaannis 3:16; 4:42; HoE. 10:34-35; 1Xim. 2:4; Tito 2:11, 2Phex. 3:9;

1Yoha. 2:1; 4:14). Mata-duree addaa ilaali: dursa ejjennoo abbaa wangeelummaa Boob , Faarfannaa 2 seensa irratti.

**33:10 "Gorsa"** "gorsa (BDB 420, jechuun, kaayyoo) kan gooftaa bara baraan dhaabbati" (Iyoob 23:13; Fak. 19:21). Amen!

**33:12** Waaqayyoo fayyinaaf kan fo'ate muraasa qofa yookiis hundumaa? Kun gaaffii rakkisaa dha, guddummaa Waaqayyoof yookaan fedha bilisaa namaaf. Mata-duree addaa ilaali: filannoo/carraa fi madaallii barumsa ;hafuuraa barbaachisummaa isaa, Far.25:12 irratti.

Jaalala YHWH , karoora, fi kaayyoo of-keessatti qabata, ta'us garuu sanyii Abraahaam irra ni guddata! Inni hundumaa akka beekan barbaada (gara olii kan jiru dbarreefamoota qulqulluu sagalee isaa tarreefama ilaali)!

## MACAAFA FAARFANNAA:33:13-17

**13 Waaqayyo bantii waaqaa keessaa gad in ilaala,**
**Ilmaan namootaa hundumaas in arga.**
**14 Inni iddoo ofi taa'u sanaa, warra afa irra**
**Jiraatanhundumaa in ilaala**
**15 Inni guutummaa garaa namootaa tolche,**
**Wanta isaan hojjetan hundumaas gargar baasee in beeka*.**
**16 Mootiin humna baay'inaan mo'icha hin argatu,**
**Jagnis humna- jabinaan hin hoofkalu.**
**17"Fardi mo'ichaaf nama in gargaara" jechuun**
**Gowwummaa dha, humna isaa isa**
**Jabaadhaanis nama hin oolchu*.**

**33:13-17** buusaan kun kan irratti xiyaafatu daangaa maleessummaa YHWH irratti (Far.14:2; 102:19). Inni lafa irratti waan ta'u beeka, jireenya namootaa irratti (Bau. 3:7-9; Mat. 6:25-34; 10:30; Luqas 21:18; HoE. 27:34; wal fakkeenyi fakkeennoo barreefama Kakuu Moofaa baay'ee irratti argama, jechuun, 1Sam. 14:45; 2Sam. 14:11; 1Mot. 1:52). Jireenyi tajaajiltoota amanamoo carraa, akka tassaa, to'annoo carraa jala miti, ta'us garuu kan inni geggeefamu amantiidhaan, Waaqayyooodhaan! Isaaf ifatti jiraadhaa!

"Hundumtuu" yeroo ammamitiif akka ta'e hubadhaa (BDB 481) Faarfannaa kana irratti 33:8A, B, 13B, 14B, 15A, B. YHWH n uumeera, kanaaf uumama hundumaa ni hubata! Kennaa kaayyoo qabuu dha. Namoonni hunduu Waaqayyoof deebii kennuu, soortummaa kennaa sanaatiif!

**33:15** YHWH n namoota hundumaa hojjeeteera (BDB 427, KB 428, *Qal* PARTICIPLE,Uma. 2:7; 8; 19) jireenya isaaniis ni beeka (Faarfannaa 139). Inni abbaa murtoo ta'uu dha, sababni isaas heyyama keenya, yaada keenya, gocha keenya, fi bu'aa isaa waan beekuuf (kanaaf dhimma mata-duree tarreefama barreefamaa hundumaa tarreessi, Faarfannaa 28:4 irratti ilaali).

**33:16-17** Barbaachisummaa namaa, seenaa, kan akka tasaa miti, ta'us garuu, kaayyoo kan qabu malee. YHWH n kaayyoo isaatiif hamaa illee ni fayyadama. Wantootni akkasumas hin ta'an! Egaa, heera qabeessa gochuuf, kun kaayyoo kufee dha, kanaaf kan ta'u hunduu fedha Waaqayyoo miti. Inni ni heyyama, fillannoowwan keenya ija akka godhataniif (jechuun, gaarii yookaan hamaa). Lafti cubbuu mucaa namaatiin midhaamteetti (Uma. 3; Isa. 53:6; Rom. 8:18-23). Dhoksaan isaa akkam

1. Olaantummaa YHWH
2. Fillannoowwan namaa
3. Gocha fooniitiif akkaataa hojii tokkummaa

Ija amantiitiin haala hundumaa irratti Waaqayyoon ni barbaadu (lak. 18-22). Humna isa hamaa, qabeenyaa, hamoota, warra balleessanii fi akka tasaa warra barbaadan dhuunfaa isaaf! Namootni humna waraanaan abdii godhachuun isaan irra hin jiraatu (Faarfanna 2).

## MACAAFA FAARFANNAA: 33:18-22

**18 Kunoo, ijii Waaqayyoo warra isa**
**Safeeffatan, warra gaarummaa isaa**
**Abdiidhaan eeggatanis in to'ata.**
**19 Inni lubbuu isaanii du'a in oolcha,**
**Beela keessattis jireenyatti isaan in eega*.**
**20 Lubbuun keenya abdiidhaan Waaqayyoon in eeggatti,**
**Inni gargaarsa keenyaa fi gaachana keenya.**
**21 Eeyyee, garaan keenya isatti in gammada,**
**Maqaa isaa isa qulqulluus in amananna.**
**22 Abdiidhaan akkuma si eegganne,**
**Yaa Waaqayyo gaarummaan kee nuuf haa ta'u!**

**33:18-22** duuka buutotni amanamoon amalli isaani maal akka ta'e hubadhu.

1. YHWH kan sodaatan, lak. 18
2. Arjummaa isaa abdii kan godhatan, lak. 18
3. YHWH kan eeggatan, lak. 20
4. Isa akka gargaaraa isaaniitii fi gachaana isaanii kan argisiisan, lak. 20
5. Isatti kan gammadan, lak. 21
6. Qulqulluu maqaa isaati kan amanan, lak. 21
7. Isaan abdii kan godhatan ("eeguu") lak. 22

YHWH nis

1. Ija isaa isaan irra kaa'a, lak. 13-15
2. Isaan fayyisa (BDB 664, KB 717, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT)
3. Isaan eega (BDB 310, KB 309, *Piel* INFINITIVE CONSTRUCT)
4. Isaan gargaara (BDB 740) isaan irraa dhorka (BDB 171)

Faarfannawwan baay'ee irratti xumura irratti kan lakkoofsa baay'ee faayida irra ooluu isaa hubadhu, kadhata/galata isaa tokkoo irra gara hundaatti duuka buutota amanamoo babal'isuuf.

### GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakkoofsa 1-3 irra kan jiran xiyyaafannoowwan tarreessi, waaqeefannaa qooqaa wajjin walitti isaan fidi. Qooqni haga kana kalattii faayidaa kan ta'eef maaliif?

2. Lakkoofsa 6-9 Uumama 1 akkamitti callaqqisiisaa?
3. Lakkoofsa 11 jecha mataa keetiin ibsi.
4. Lakkoofsa 15 akkamitti Uma. 1:26-28 ni calaqqisiisa?
5. YHWH  "Ija" qaba?

# FAARFANNAA 34

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gooftaa isa kennuu fi isa oolchu<br>Seensa MT kan qabu<br>Faarsaa Daawiit Abiimleek duratti yeroo akka maraatuutti of jijjiire innis gad isa baasee fageesse | Gammachuu warraa Waaqayyoon abdatanii | Rakkina irraa fayyuudhaan galata galchuu | Gaarummaa Waaqayyootiif galata | Jaalala Waaqayyootiif galata (qaxxaamureessa) |
| 34:1-3 | 34:1-3 | 34:1-3 | 34:1-3 | 34:1 (*alef*) |
| | | | | 34:2 (*bet*) |
| 34:4-7 | | | | 34:3 (*Gimel*) |
| | 34:4-7 | 34:4-10 | 34:4-7 | 34:4 (*Dalet*) |
| | | | | 34:5 (*He*) |
| | | | | 34:6 (*Zain*) |
| 34:8-14 | | | | 34:7 (*Het*) |
| | 34:8-10 | | 34:8-10 | 34:8 (*Tet*) |
| | | | | 34:9 (*Yod*) |
| | | | | 34:10 (*Kaph*) |
| | 34:11-14 | 34:11-14 | 34:11-14 | 34:11 (*Lamed*) |
| | | | | 34:12 (*Mem*) |
| | | | | 34:13 (*Nun*) |
| 34:15-18 | | | | 34:14 (*Samek*) |
| | 34:15-16 | 34:15-18 | 34:15-18 | 34:15 (*Ain*) |
| | | | | 34:16 (*Pe*) |
| | 34:17-18 | | | 34:17 (*Zade*) |
| 34:19-22 | | | | 34:18 (*Qoph*) |
| | 34:19-22 | 34:19-22 | 34:19-21 | 34:19 (*Resh*) |
| | | | | 34:20 (*Shin*) |
| | | | | 34:21-22 (*Taw*) |
| | | | 34:22 | |

**DUBBISA MARSAA SADA  (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun faarfannaa qaxamuuraati. Tokkoon tokkoon lakkoofsaa (lakkoofsa 5 irraa kan hafee, innis qubeewwan Ibirootaa lamaa qaba) qubee duraa duubaatiin kan jalqabu, qubeewwan Ibirootaa, qubeewwan 22.

Ajaa'ibsiisaa kan inni ta'uu walaloon qaxamuuraa qubeewwan 22 ol yoo deeme qubeen itti aanuu pe P ta'uu isaati.

B. Bifni qaxaamuraa fakkeenyoota baay'ee qabu.
1. Faarfannaa 9-10 (garuu IMPERFECT, dubbifamoon lama hin jiran, lamaanuu immoo galagalaniiru)
2. Faarfannaa 25 (dubbifamaan tokko hin jiru )
3. Faarfannaa 34 (lakkoofsi tokko dubbifamaa lama qabu)
4. Faarfannaa 37 (tokkoon tokkoon lakkoofsa lamaa kan inni jalqabu qubeewwan duraa duubaatiin)
5. Faarfannaa 111 (dubbifamoonni lamaan tokkoon tokkoon lakkoofsaan)
6. Faarfannaa 112 (dubbifamoonni lamaan tokkoon tokkoon lakkoofsaaf)
7. Faarfannaa 119 (lakkoofsi sadeet tokkoon tokkoon duraa duuba dubbifamaaf)
8. Faarfannaa 145 (hin xumuramne)

C. YHWH (jechuun, gooftaa) guutuu guuttuutti yoo ta'uu baatees tokkoon tokkoon lakkoofsaa irratti ta'uu isaa hubadhu. Faarfannichi waa'ee YHWH ti. Namoonni isa beeku,
1. Gocha isaan (Nahimiyaa 9)
2. Abdiiwwan isaan (keessaa iyyuu, Uumama 12, Leewota 26, Keessa deebi 27-30)
3. Kakuu isaan (Uumama – keessa deebii)
4. Mucaa isaan (Yohaannis 1:1-14; Qola. 1:13-16; Ibr. 1:2-3)

# QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

## MACAAFA FAARFANNAA: 34:1-3

**1 Ani yeroo hundumaa maqaa Waaqayyoo nan eebbisa,**

**jajuun isaas takkaa afaan koo keessaa hin bu'u.**

**2 Lubbuun koo Waaqayyoon of in jajji,**

**warri gadadamanis kana dhaga'anii ha gammadan!**

**3 Anaa wajjin guddina Waaqayyoo odeessaa,**

**kottaa walii wajjinis maqaa isaa ol in kaafnaa!**

**34:1-3** kun buusaa dhuga-baatiiti. Innis qeenxeedhaan Ibirootaan jalqabe baay'eedhaan xumura. YHWH n baay'ee guddaa dha ajaa'ibsiisaas, mamala isaa fi gocha isaan, akka galateefamu!

1. YHWH nan eebbisa – BDB 943, KB 1247, *Piel* COHORTATIVE, SINGULAR
2. Maqaa isaa ol ha qabnu – BDB 926, KB 1202, *Polel* COHORTATIVE, PLURAL

Amala galataa isaa hubadhu.

1. Yeroo hundumaati – kun yaadannoo faayida qabeessa, YHWH n yeroo gaariittis ta'ee hamaati galateeffachuun akka irra jiraatu, inni hin jijjiramu. Araarri isaa yeroo hundumaa ni jiraata! Akkaata yaada keenyaatti qofa kan inni hafu. Amantiin itti fufuutu irra jiraata, argamuu fi galata isaa jabeessuuf, 1Tes. 5:16-18.

2. Utuu gargar hin kutin (BDB 556, Far.35:27; 40:16; 70:4; 71:6) afaan koon – galatni haala dhuunfaa irratti hin qotamu, ta'us garuu ayyana isaa kan fudhatan gocha ta'uu qabu ta'uutu irra jiraata.
3. Galatni namoota hundumaa biraa ka'uutu irra jiraata (jechuun, garaamii, "kan rakkate," "rakkataa," yookaan "dadhabaa" BDB 776). Namootni hunduu sababa baay'ee qabaatu, Waaqayyoon galateefachuuf!
4. Tokkuummaadhaan-- galatni lamaanuun, dhuunfaadhaanis tokkummaadhaanis (jechuun, tokkummaadhaan BDB 403), waaqefannaan akka ta'u. Fedha dhuunfaa keenya gara isaatti fidna, akkasumas "tokkummaadhaan fedha keenya ." tokkummaa fi walii wajjin duuka buutota amanamoo gidduutti, Waaqayyoof galata argisiisa, akkasumas kan biroof dhuga baati!

**34:2 "Of jajuu"** gochamni Ibirootaaa (BDB 237 II, KB 248, *Hithpael* IMPERFECT), *Hithpael* jechuun "of-jajuu," "Ol-qabuu," yookaan "galateeffachuu" dha (1Mot. 20:11, 1Se. 16:10; Far.64:11; 105:3; 106:5; Fak. 20:14; 25:14; 27:1; Isa. 41:16; 45:25; Erm. 9:23).

Waa'ee "Of-jajuu" yaad-rimee barumsa hafuuraa mata-duree addaa ilaali: of-jajuu Far.20:7 irratti.

**34:3 "Anaa wajjin guddina Waaqayyoo odeessaa"** gochamni kun (BDB 152, KB 178, *Piel* IMPERATIVE)) abboommii isaati, Waaqayyoof galata laphee keenyaa galata keenyaa wajjin kan ittiin ibsinu. Dadhabbii jireenyaaf diduu yookiin haala ammaatiin kan jiru rakkisaa ibsuu keenyaan dura ofii keenyaa yaadachuutu nurra jiraata

1. Waaqayyoo eenyu akka ta'e
2. Inni maal akka godhe
3. Inni maal gochaa akka jiru

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 34:4-7

**4 Ani Waaqayyoon barbaaddadhe,**

**Innis ana jalaa owwaate,**

**Soda koo hundumaa keessaas na baase.**

**5 Gara isaa ilaalaa, fuulli keessanis haa ifu!**

**Deebitaniis qaaniidhaan lafa hin ilaaltan.**

**6 Namichi gadadamaan kun yommu iyyate,**

**Waaqayyo isaaf dhaga'e,**

**Rakkina isaa hundumaa keessaas isa in oolche.**

**7 Ergamaan Waaqayyoo naannoo warra Waaqayyoon**

**Sodaatanii in buufata, inni isaan in oolchas.**

**34:4-7** buusaan kun yaada jalqabaa jabeessa. Innis qeenxee irraa (jechuun, Waaqayyoon nan arge) gara baay'eetti akkamitti ce'u hubadhu, (jechuun, gara isaa ilaalaa), akka buusaa jalqabaa.

1. Faarfattichaaf, Yaahiiwwee
   a. Deebiseeraaf – BDB 772, KB 851, *Qal* IMPERFECT
   b. Sodaa isaa hundumaa irraa isa fayyiseera – BDB 664, KB 717, *Hiphil* PERFECT
2. Gareedhaan
   a. YHWH dhaggeefateera, lak. 6
   b. YHWH n warra rakkatan fayyiseera
   c. YHWH n naannoo warra Waaqayyoon sodaatanii ergamaa buufachiisa (Zak. 9:8; YHWH n mataan isaa Far.125:2 irratti)
   d. YHWH n isaan fayyiseera
3. LXX, afaan Sooriyaa, Valgeet warabiwwan, "ilaaluu" fi "ibsuu" kan jedhu qabu, akka IMPERATIVE. MT PERFECT qabu, 34:5 irratti.

Duuka buutoonni amanamoon raawwatanii qofaa isaanii yookaan kan dhiifaman hint a'an. Waaqni amanamaan isaanii yeroo hundaa ni jiraata, qophaa'ummaan!

**34:7 "Ergamaa Waaqayyoo"** ergamoonni tajaajiltoota bitamanii dha (Lak. 20:16; Far.91:11; Isa. 63:9; Dan. 3:28; 6:22; Mat. 18:10; HoE. 12:11; Ibr. 1:14). Mata-duree addaa asi gadi jiru ilaali.

## Mata duree addaa: Ergamaa Gooftaa

Waaqummaan ofii isaa akka qaama namaatti mul'achuun isaa kakkuu haaraa keessatti kan beekamuu dha. sadan waaqa tokkooof gaffii kan ta'uu qaama sadan-waaqa isaa kamtu miinakan hojjetuu dha. waaqayyo abbaa (YHWH)fi hafuurri isaa dhaabbiidhaaan foon akka hin taanee, jechuu kan dandda'amuu kan fakkaatuu warren mul'ata nama masih jalqaba –fooniiti
Eenyu iyyuu rakkinni isa mudachuu danda'uu arggisiisuuf argama erggamoota wajjiin hiika jiruu addaan baasuuf tartiiba armaan gadii ibsa dha

1. Erggamaan Waaqayyo akka erggamaatti.
   a. Uma 24:7, 40
   b. Bau, 23:20-23, 32:34
   c. Lak, 22:22
   d. Abo, 5:23
   e. 2 Sam, 24:16
   f. 1Sen, 21:15-30
   g. Zak, 1:12-16
2. Erggamaan Waaqayyo akka Waaqayyootti yeroo mul'atu (theophany)
   a. Uma, 16:7-13, 18:1-19, 1, 22:11-15, 31:11, 13, 48:15-16
   b. Bau, 3:2, 4, 14:19 (13:21)
   c. Abo, 2:15, 6:22-24, 13:3-23
   d. Hos, 12:3-4
   e. Zak, 3:1-5

▣ **"Kan sodaataniin"** dubbiin kun *Qal* ACTIVE PARTICIPLE (BDB 431, KB 432 ) innis duuka buutota amanamoo kan ibsu (Far.15:4; 25:12, 14; 31:19; 61:5; 66:16; 103:11; 118:4; Kes. 28:58; Nahi. 1:11).

## MACAAFA FAARFANNAA: 34:8-14

**8 Gaarummaan Waaqayyoo attam akka ta'e,**
**Isin miyeeffadhaa ilaalaa!**
**Namni isatti kooluu gale haa gammadu*!**
**9 Warri Waaqayyoon sodaatan homaa hin dhaban.**
**Kanaaf isin warri isaaf qulqullooftan isa safeeffadhaa!**
**10 Leencii saafelli iyyuu in dhaba, in beela'as,**
**Warri Waaqayyoon barbaaddatan garuu**
**Waan gaarii tokko illee hin dhaban*.**
**11 Kottaa, yaa ijoollee na**
**Dhaggeeffadhaa, ani immoo Waaqayyoon**
**Sodaachuu isin nan barsiisa.**
**12 Nama nana, ati jireenya in hawwitaa?**
**Waan gaariitti gammaduufis**
**Bara dheeraa jiraachuu in jaallattaa?**

[13] **Yoos arraba kee hamaatti,**

**Afaan kees sossoba dubbachuuttii eegi!**

[14] **Wanta hamaattii fagaadhuu gaariis godhi!**

**Nagaa barbaadii duukaas bu'i!**

**34:8-14** YHWH n "Gaarii" ta'uu isaan (BDB 373 II), duuka buutotni amanamaa (jechuun, qulqulloota, BDB 872) yaadachiisi godhameeraaf

1. Mana qulqullummaaf – BDB 380, KB 377, *Qal* IMPERATIVE, Ibr. 6:5
2. Ilaaluuf –BDB 4:6, KB 1157, *Qal* IMPERATIVE, (Pheexiroos irratti kan eerame 1Phex. 2:3 irratti LXX irraa)
3. Amanachuuf – BDB 340, KB 337, *Qal* IMPERATIVE,
4. Sodaachuudhaaf – BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERATIVE,

5,6 . dhufuudhaaf (BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE(, dhaggeefachuu (BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE) faarfattichi Waaqayyoon sodaachuu akka barsiisu, lak. 11

Bu'aa gochawwan isaanii

1. Kan isaan dhaban hin jiru, lak. 9B, Far.23:1
2. Waan gaarii irraa kan isaanitti hir'atu hin jiru, lak 10B, Far.84:11
3. Umurii dheeraa, lak. 12

Barumsi faarfattichaa umurii dheeraaf, jireenya gammachuuti.

1. Arraba kee hamaa dubbachuu irraa eegi, afaan kees sossoba dubbachuu irraa – BDB 665, KB 718, *Qal* IMPERATIVE, Far.12:3-4; 15:2-3; 73:8-9; Yaaqoob 3:5-12
2. Hamaa irraa fagaadhu – BDB 693, KB 747, *Qal* IMPERATIVE, Far.37:27; Isa. 1:16
3. Waan gaarii godhi – BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERATIVE, Far.37:27; Isa. 1:17
4. Nagaa barbaaddi – BDB 134, KB 152, *Piel* IMPERATIVE, Mariqoos 9:50, Rome. 14:19, 1Qor. 7:15; 2Qor. 13:11; 1Teso. 5:13; Ibr. 12:14; Yaaqoob 3:17-18
5. Nagaa duukaas bu'ii – BDB 922, KB 1191, *Qal* IMPERATIVE, akka lak. 4

Madaallii isaa yaadadhuu, Yaawwwiheen duuka buutota amanamoof kan inni godhee fi isaan ofi isaaniitti gochuun kan isaan irra jiraatu gidduu kan jiru. Fillaannoowwanii fi bu'aawwan ni jiraatu, lammanuu sirris ta'ee alta'aa (buusaan itti aanuu tarreefama kutaati)!

Pheexiroos faarfannaa kana irraa eereera, 1Phex. 3 irratti.

1. 1Phex. 3:10 – Far.34:12, 13
2. 1Phex. 3:11 – Far.34:14
3. 1Phex. 3:12 – Far.34:15-16

Innis kan inni ilaale tokkummaa isaan akkaata xiyyaafannoo itti laachuuti (jechuun, "Lamman keessan garaa tokko lta'aa, rakkinni kan biraa isin irratti akka ta'u godhaa, akka obbolootaatti wal jaalladhaa, gara laafootaa fi garaamoota ta'aa, hamaa qooda hamaa yookaan arrabsoo qooda arrabsoo hin deebisinaa, eebbisaa malee," 1Phex. 3:8-9).

**34:8 "Gooftaan gaarii dha"** "gaarii" (BDB 373 II) buusa kana irratti jecha furtuu dha (1Tes. 5:15).

1. YHWH n gaarii dha (addeessa), lak. 8, Far.25:8; 86:5; 100:5; 106:1; 118:1, 29; 145:9; 1Sen. 16:34; Izira 3:11; Erm. 33:11, Nahi. 1:7
2. Isaatti kana manan waan gaarii irraa isaanitti hin hir'atu (BDB 481 caaseefama BDB 375), lak. Far.84:11
3. Waaqayyoon sodaachuun bara dheeraa fi umurii gaarii fida (BDB 373) lak. 12
4. Hamaa irraa fagaadhuu waan gaariis godhi (BDB 373), lak. 14
5. Kan "Gaarummaa" fayyadama Rome. 8:28 irratti hubadhu

**34:9**

**NASB, NKJV "qulqulloota"**
**NRSV, NJB "qulqulloota"**
**TEV "saba"**
**JPSOE "kan kennamaniif"**
**REB "saba qulqulluu"**

Addeesichi (BDB 872) mullisuu kan inni danda'u

1. Masihii, Far.16:3 (akka ga'umsa sanyii Daawiit)
2. Walitti qabamni ergamoota waaqa irraa, Iyoob 5:1; 15:15; Far.89:5-6,7; Dan. 8:13; Zak. 14:5
3. Duuka buutota amanamoo
   a. Luboota – Lak. 16:5,7; Far.106:16 (Aaroon)
   b. Leewota – 2Sen. 35:3
   c. Raajoota – 2Mot. 4:9
   d. Warra Naazireet – Bau. 19:6; Lew. 11:44, 45; 19:7; 20:7, 26; 21:6; Lak. 15:40; kes. 7:6; 14:2, 21; 26:19; 28:9

Asitti kan inni argisiisu duuka buutoota amanamoo dha.

**34:10**

**NASB, NKJV**
**NRSV, NJB "maannaa"**
**LXX, Peeshita "kattaa"**
**REB "abboota firdii"**
**NEB "warra hin amanne" (hundee jecha afaan Arabiffaa)**

MT "maannaa" jedha. Gaaffichi "fakkeenyi nuuraa eenyuun ilaalata?" kan jedhuu dha. Innis karaa fooyyaa'aan kan inni faalleessuu fakkaata, "garaamoota," irraa "rakkina kan fudhatan" wajjin yookaan "hiyyeessa" wajjin (BDB 776) kan lakkoofsa 2 fi 6.

**34:11 "Ijoollee"** kun akkuma jirutti "ijoollee dhiirootaa" dha (BDB 119). Barsiisaa og-barruu "Abbaa" jedhama, baratoottonni "ijoollee dhiirootaa" (jechuun, Fak. 1:8; 4:1, 10, 20; 24:13, 21).

## MACAAFA FAARFANNAA: 34:15-18

**15 Iji Waaqayyoo kgara warra**
**Qajeelootaa in ilaala, gurri isaas**
**Gara iyya isaanii in dhaggeeffata.**
**16 Warra hamaa hojjetan garuu**
**Seenaa isaanii lafa irraa balleessuudhaaf,**
**Waaqayyo nyaara isaanitti in guura*;**
**17 Yeroo warri qajeelonni gara**
**Isaatti iyyan, Waaqayyo in dhaga'a;**
**Inni rakkina isaanii hundumaa keessaas isaan in baasa.**
**18 Waaqayyo warra garaan isaanii cabetti dhi'oo dha,**
**Warra yaadni isaanii caccabee bullaa'es in fayyisa*.**

**34:15-18** buusaan kun kan inni argisiisu kan gaarummaa yookaan gaarii kan hin taane bu'aa akkaataa jireenyaati.

1. Qajeeloota
   a. Iji kan YHWH (argamuun isaa fi kunuunsi isaa) gara qulqullootaati, lak. 15A
   b. Gurrii YHWH iyya isaanii dhageeffata, lak. 15B, 17
   c. YHWH n rakkina isaanii hundumaa irraa isaan fayyisa, Lak. 17B

   d. YHWH n warra garaan isaanii cabbeetti dhi'oo dha, lak. 18A
   e. YHWH n hafuurri isaanii kan cabbe isaan fayyisa, lak. 18B; Isa. 57:15
2. Cubbamoota
   a. Fuula YHWH tti hamaa kan godhan irratti, lak. 16A
   b. Yaadannoon isaanii ni murama (BDB 503, KB 500, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT), lak. 16B; fakkeenoon kun du'a argisiisa

Namoomsuu baay'een fakkidootni buusaa kanaa irratti argamu, qaama namaa kan fayyadaman YHWH ibsuudhaaf (mata-duree ilaali Far.2:4-6 irratti).

1. ija
2. gurra
3. fuula

**34:18 "Waaqayyo dhi'oo dha"** abdii ajaa'ibsiisaa akkamiiti (Kes. 4:7; Far.119:51; 145:18). Naasiisaa kan ta'u Waaqani qulqulluun namoota cubbamootaa wajjin tokkummaa gochuuf barbaadu isaati. Inni nu barbaada. Kan uumamnees isaan isaa wajjin kan ta'e tokkummaa (Uma. 1:26, 27; 3:8). Wanti hamaan akkamii yoo isaan argattes (jechuun, "garaan isaanii kan cabbe," Far.147:3; Isa. 61:1 fi "garaan isaanii kan cabbe," Far.51:17; Isa. 57:15), Gooftaan duuka buutota amanammoodhaaf dhi'oo dha!

## MACAAFA FAARFANNAA: 34:19-22

**19 Wanti hamaan nama qajeelaatti**
**In baay'ata, Waaqayyo garuu kana**
**Hundumaa keessaa isa in baasa*.**
**20 Lafee dhagna isaa hundumaa inni**
**In eega, isaan keessaas tokko illee hin cabu.**
**21 Hamminni nama jal'aa in ajjeesa;**
**Warra nama qajeelaa jibbanittis yakki in murama*.**
**22 Waaqayyo lubbuu hojjeetoota isaa in fura,**
**Warra isatti kooluu galan keessaas**
**Tokkotti illee yakki hin muramu.**

**34:19-22** buusaan kun kan itti fufuu xiyyaafannoo fuulduraatiin, ta'us garuu xiyyaafannoo kan inni itti kennu bu'aa adda addaati, gaariidhaa fi gaarii kan hin taane gidduu. Buusaawwan xumuraa lamaan gidduu sadarkaa walcinaa ti.

1. Gocha YHWH , duuka buutota amanamootiin
   a. Innis rakkinoota isaanii baay'ee keessaa isaan fayyisa, lak. 19
   b. Innis lafee isaanii hundumaa akka hin cabne isaan eega, (jechuun, fakkeennoo fayyummaa), lak. 20
   c. Innis ni oolcha (mata-duree addaa ilaali Far.19:14 irratti) garboota isaa, lak. 22A
   d. Isatti kan amanan hundumaa hin gaaban, lak. 22B
2. Gochoonni YHWH amanamoota warra hin taane irratti
   a. Cubbamoota isaan ajjeessa, lak. 21A (lak. 16)
   b. Qajeeloota kan jibban hunduu ni gaabbu, lak. 21B

**34:19** Waa'ee lakkoofsa kanaaf tuqaawwan ni jiraatu.

1. Qajeelaan addunyaa kufee kanaan rakkina fudhateera/fudhachaa jiras ni fudhatas (Far.37:39; 50:15; Dan. 12:1; Matt. 5:10-12; Yohaannis 15:18-21; 16:1-3; 17:14; Acts 14:22; Rom. 5:3-4; 8:17; 18-23; 2Qor. 4:16-18, 6:3-10; 11:23-30; Fil. 1:29; 1Tes. 3:3; 2Xim. 3:12; Yaaqoob 1:2-4; 1Phex. 4:12-16).

2. Waaqayyo isaa wajjini dha, rakkinoota kana keessatti. Yeroo tokko tokkoo dinqiidhaan fayyuu filata, ta'us garuu yeroo hundumaa hin godhu (mata-duree addaa ilaali Far.30:2 irratti). Argamuun isaa hawwa isa guddaa fi abdii keenya. Waan kam keessatti akka darbinu ni beeka (Bau. 3:7).

**34:20** lafeen namaa cabuun firdii Waaqayyoof ciigoo dha (Far.51:8; Isa. 38:13; Far.Erm. 3:4). Kanaaf, lafeen homaa cabuu dhabuun firdiin akka hin taaneef ciigoo argisiisuu dha (jechuun, namni qajeelaan).

Lakkoofsi kun kan inni eerame wangeela Yoohannis irratti dha (Yoha. 19:36; Zakaari'as 12:10 wajjin , Yohaannis 19:37 irratti) akka raajii raajaameeti. Ani akkan yaaduutti akka ramaddii dhaabbataa hubachuutti fudhachuun ni filatama. Faarfannaa 34:20 waa'ee du'a Masihii kan raajame miti ta'us garuu waa'ee duuka buutuu amanamaa fayyummaa fi fayyaqabeessummaa abdi kenname malee.

Rakkinni bakka kana jiru, waa'ee yaad-rimee barumsa hafuuraa kan inni mirkaneessuu barreessaan yaada hafuuraan liqimfame barreefama yaada isaa isa jalqabaa akkamitti hubachuun akka danda'amu bakka jalqabaatti kan barreefamaa fi akkaataa yaada seenaa ta'uu isaati. Kun dhugumatti dhugaadha. Ta'us garuu barreessitootni yaada hafuuraan liqimfaman kan Kakuu Haaraa rammaddii isa jalqabaa akka ta'uutti akka itti fayyadaman heyyamuun nurra jiraata. Nuun tooftaa isaa lammaffata uumuu hin dandeenyu, sababni isaa yaada hafuuraan waan hin liqimfamneef, isaan garuu akkas turan. Kanaaf, sababa kanaaf akkaataan fayyadama Kakuu Haaraa gatii qabaachuutu irra jiraata, ta'us garuu yeroo hundumaa kan ta'u barreessaa Kakuu Moofaatiif ajaa'ibsiisaa dha.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. “Ergamaa Waaqayyoo” eenyuu dha? Faarfannaa irratti bakka kan biraa eessatti kan inni eerame?
2. Lakkoofsa 8 Kakuu Haaraa irratti akkamittii fi maaliif yeroo lama eerame (Ibr. 6:5; 1Phex. 2:3)?
3. Barreessici dhageefatoota isaa maaliif “ijoollee koo” jedhee isaan waame?
4. Kutaallee qaama namaa tarreessi, YHWH ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan, lakk. 15-17 irratti.
5. “Lafee isaa hundumaa ni eega” kan jedhu ciigoon Ibirootaa maal jechuu dha?
6. Kan lakkoofsa 19 tokkummaan isaanii maalii dha, addunyaa kufeetti?
7. “Lubbuu” jechi jedhu Kakuu Moofaadhaan maal jechuu dha?

# FAARFANNAA 35

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Diinota dhuunfaa irraa ooluuf kadhata<br>Seensa EMT "Faarsaa Daawiit" | Gooftaan haaloo ba'a sabaaf | Diinota dhuunfaa irraa ooluuf kadhata (waawwannaa) | Kadhata gargaarsaa | Kadhannaa qulqulluu yeroo gidiraa |
| | 35:1-3 | | 35:1-3 | 35:1-3 |
| | 35:4-8 | 35:1-3 | 35:4-6 | 35:4 |
| 35:1-8 | | 35:4-6 | | 35:5-6 |
| | | | 35:7-8 | 35:7-8 |
| | 35:9-10 | 35:7-8 | 35:9-10 | 35:9-10 |
| | 35:11-14 | 35:9-10 | 35:11-14 | 35:11-12 |
| 35:9-16 | | 35:11-12 | | 35:13-14 |
| | 35:15-16 | 35:13-14 | 35:15-16 | 35:15-16 |
| | 35:17-18 | 35:15-16 | 35:17-18 | 35:17-18 |
| | 35:19-21 | 35:17-18 | 35:19 | 35:19 |
| 35:17-21 | | 35:19-21 | 35:20-25 | 35:20-21 |
| | 35:22-25 | | | 35:22-24 |
| | | 35:22-25 | | 35:25-26 |
| 35:22-26 | 35:26 | | 35:26 | |
| | 35:27-28 | 35:26 | 35:27-28 | 35:27 |
| 35:27-28 | | 35:27-28 | | 35:28 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun baay'inaan kan jiru
   1. Gaaffilleen kadhataa (xiyaafataan 8) gargaarsa YHWH, diinota isaa irratti
   2. Kan dhibbaa (23) Faarfatichii akka ta'an abdii kan inni godhatuu
      a. Diinoota isaa irratti
      b. Warra isa deggeran irratti

B. Faarfannaawwan baayyee irratti diinonni isaa eenyuun akka ta'an adda baasuun rakkisaadha. Faarfannaa kana irratti (jechuun, 35:12-14) isaan kan dhi'oo namoota beekamoo kakuu ta'uun

isaanii ifa dha. Kun dhiphinna ganuu baay'ee haadhaa'aa godha! Ta'us, lakk. 1-8 kan inni argisiisu kan loltuu diina fakkaata.

C. Faarfannaa 34 fi faarfannaa 35 qofaadha, "Ergamaa YHWH" kan isaaniif eerame. Kunis sababa itti fufanii taa'uu isaaniitiin ta'uu danda'a. Faarfannawwan filatamanii, sororamanii, fi jabaatanii ka'aamaniiru, namoota hin beekamneeni fi adeemsa hin beekamneen. Amantiidhaan ni amanna, hafuuraan akka baratan.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 35:1-8

**1 Yaa Waaqayyo! Warra anaan mormaniin mormi!**
**Warra ana lolanis loli!**
**2 Gaachanaa fi mi'a lolaa ol fudhadhuutii,**
**Ana gargaaruudhaaf ka'i!**
**3 Warra ana ari'atanitti eeboodhaa fi gajaraa luqqifadhu,**
**"Anatu si gargaara" jedhii anatti dubbadhu!**
**4 Warri jireenya koo balleessuu barbaadan,**
**Haa qaana'an haa salphifamis!**
**Of irra haa deebi'an, haa yeella'anis!**
**5 Akka habaqii qilleensi fuudhuu haa ta'an,**
**Ergamaan Waaqayyoos isaan haa daddarbatu!**
**6 Karaan isaanii dukkanaa fi mucuca haa ari'atu!**
**7 Isaan sababii tokko malee boolla anaaf qotan.**
**8 Utuu isaan hin beekin badiisi isaan irratti haa dhufu;**
**Kiyyoon isaan dhoksanii kaa'anis isaanuma haa qabu,**
**Boolluma qotan keessatti kufanii haa badan *!**

**35:1-8** Buusaan kun kan inni jalqabu gaaffiillee kadhataa baay'aadhaan (IMPERATIVES) lak. 1-3.

1. Mo'icha isaaniitiin – BDB 936, KB 1224, *Qal IMPERATIVE*, maqaan isaa kan inni ta'u gaalee lammaffaa irratti (BDB 937)
2. Isaaniin morme- BDB 535, KB 526, *Qal IMPERATIVE*, jechi keeyataa kan inni mul'atu gaalee lammaffaa irratti
3. Qabi- BDB 304, KB 302, Hifiil IMPERATIVE, ("Humna kan qabu")
4. Ka'I- BDB 877, KB 1086, *Qal IMPERATIVE*
5. Ni harkise – BDB 937, KB 1227, Hifiil IMPERATIVE, Bau. 15:9
6. MT "dhi'oo" kan jedhu qaba – BDB 688, KB 742, jecha *Qal IMPERATIVE* (NKJV, LXX, NIV) garuu dubbifamtoota wal fakkaatoo kan jedhan "xiyya lolaa" ti (Herodutus, NASB, NRSV, NJB, JPSOA). Pirojektiin Barreefamaa UBS IMPERATIVE sadarkaa "A" kennaaf. Dubbifamoonni Ibirootaa "xiyya lolaa," "waraana," "eebboo" kan jedhuutti hiikamuu danda'u, innis kakuu moofaatti as qofatti argama. Tokko dinqisifachuu danda'a, faarfattichi kan inni jedhu eenyuuffaa akka ta'an kan inni eeru.

1. Loltoota waraanaa, lak. 1-3, 4-6
2. Dinoota seera qabeessa, lak. 11
3. Firoota dhi’oo, lak. 12-14

7. Jedhi – BDB 55, KB 65, *Qal IMPERATIVE*. Gaaleen kun ammam kan dhuunfummaa akka ta’e hubadhu. Faarfattichi YHWH barbaadeera, inni qofaa isaa oolchaa akka ta’e akka mirkaneessuuf, Faru. 62:2, 89:26. Fayyina/oolchuu kan jiraatu yoo ta’e kan inni dhufu Waaqa kakuu YHWH irraati!

▣ Faarfannaa 35:4-8 irraa jalqabee farfatichi YHWH ni gaaffata
1. Isaan haa qaana’an- BDB 101, KB 116, Qal IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 4; Faru. 40:14; 70:2; 83:17
2. Ulfina isaanii ha dhaban- BDB 483, KB 480, Niphal IMPERFECT JUSSIVE faayida irra kan oole, lak. 4
3. Gara booda isaanitti haa deebi’an -BDB 690, KB 744, Niphal JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak.4
4. Haa qaana’an - BDB 344, KB 340, Qal IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole , lak. 4
5. Akka habaqii qilleensa fuudhuu haa ta’an - BDB 224, KB 243, Qal IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 5 Iyoob 21:18, Faru. 1:4
6. Karaan isaanii mucucaataa fi dukkanaa’aa haa ta’u - BDB 224, KB 243, Qal JUSSIVE lak. 6
7. Baaddisni inni hin beekne itti haa dhufuu - BDB 97, KB 112, Qal IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan ool, lak. 8
8. Kiyyoo dhokfameen haa qabaman - BDB 539, KB 530, Qal IMPERFECT bifa dhiibbaatiin faayidaa irra kan oole, lak. 8 (galagaltoo barbaachiisaa kitaaba qulqulluu, Faru. 9:15, 31:4, 140:5; 142:3)
9. Ofii isaan yaada hamaa keessatti haa kufu- BDB 656, KB 709, Qal IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 8

▣ Amallii dinoota kanaa
1. Lubbuu koo kan barbaadan - BDB 134, KB 153, Piel PARTICIPLE, lak. 4
2. Ana irratti hameenya kan yaadan - BDB 362, KB 359, Qal PERFECT, lak. 4
3. Ana irratti kiyyoo akkasumanii naaf dhoksaniiru - BDB 380, KB 377, Qal PERFECT, lak. 7
4. Akkasumaan lubbuu koo balleessuuf boolla naaf qotaniiru - BDB 343, KB 340, jecha Qal PERFECT, lak. 7 (kun mirkaneefannaaf akka irra deebi’ame hubadhu)

**32:2 “Olqaa fi gaachaana”** asitti (BDB 857, KB 1037 akka BDB 171, KB 545) gosa gachanootaati. BDB “Olqa” kan inni ibsu (BDB 857) guddaa, guutuummaa qaamaa kan uffisu gaachana yeroo ta’u, hamma kan biraa hin kennu. Ta’uu kan danda’u, lammanuu yeroo lolaatti loltootni qabachuu isaaniiti (fi/yookiin meeshaa lolaa qabatan). Kanaaf inni tokkooffaan lolaa fi xiyyaaf yoo ta’u (guutummaa qaamaa) inni kan biraan harkaa harkaatti walitti ba’uu dha (kan xiqqaate, BDB 171, NIDOTTE, jildii 2, fuula 846).

**35:3 “Warra na ari’atan”** jechi kun (BDB 922, KB 1191, Qal ACTIVE PARTICIPATE) yeroo hundumaa faarfannaa irratti hoji irra oola, dinoota hamootaan (Faru. 7:1;5, 31:15, 71:11, 109:16, 119:84; 86). Ta’uu kan danda’u
1. Ari’atama loltuuni
2. Ari’atama adamsituu
3. Fakiiduu diina hamaa

**35:5-6 “Ergamaa Waaqayyoo”** ergamootni qaama ittisanii dha, Faru. 34:7 irratti, ta’us garuu asitti qaama firdiiti. Warri tokko tokko ni jedhu, kitaabni qulqulluun, kitaaba dursa-saayisaawaa durii waan

ta'eef, waan hin mul'anneef, waan hin ibsameef himtee dha. Innis dhugummatti dhugaa dha, as iciitiin jiraachuun isaa, ta'us garuu tokko kitaaba qulqulluu Waaqa dhugaa tokkoof mul'ata addaa ta'uu isaa yoo fudhate, achi irraa inni/isheen ilaalcha addunyaa ofi isaa fudhachuutu irra jiraata, kunis kan argamuu fi addunyaa hin argamne gidduu kan jiru walitti dhufeenya kan of keessatti qabatu. Dhugumatti akkamitti, yoom, eessatti, eenyu walitti dhufeenya kana irratti akka wal qabatu hin mirkaneefamne.

Isa beekuun yeroo hundumaa rakkisaa dha, garaagarummaa gidduu isaanii jiru, fayyadama barreefamaan (ergaaf faayidaa irra kan oole) fi itti fayyadama akkuma jirutti (jechuun, gidduu galuu ergamaa yookaan gocha). Bakka kana irra deddeebi'amoonni lama jiru - tokkoon tokkoon wantootaa qaama ergamaa qabuu yookaan homaa tokko illee qaama ergamaa hin qaban, kan inni jiraatu kitaaba qulqulluudhaani fi mul'ataan. Qaamawwan adda baasuun kan irra jiraatu karaa tokkoon yookaan karaa kan biraadhaan.

Jireenyi yeroo hundaa "dukkanaa" fi "mucucaataa" dha (Faru. 73:18) Yaahiwwee kan amanataniif garuu inni dachaa (wwan) dukkana limixii isaanii wajjin adeema (Faru. 23:4, 107:14). Jireenyi yeroo hundumaa kan ittiin ibsamu qooqa fakiiduutiin, tarkaanfiin yookaan deemsaan. Kallattiidhaan, kan sirreefame, karaa wal qixaataa jireenya gaariidhaaf fakkeenya yeroo ta'u, dukkana, mucuca, gufuun karaa irratti yeroo ta'uu yookaan karaa hin sireefamne fakkeennoo rakkinaati.
Mata duree addaa ilaali, ergamaa Waaqayyoo, Faru. 34:7 irratti

## MACAAFA FAARFANNAA: 35:9-16

**9 Yommus lubbuun koo Waaqayyotti gammachuu in qabaatti,**
**Gargaarsa inni anaas godheettis in gammaddi;**
**10 Garaa koo guutuudhaan, "Ati isa gadadamaa**
**Nama isa caalaa jabaatu harkaa, isa gad qabamaa fi**
**Isa wanta barbaachiisaa dhabes,Nama isa saamuu harkaa in baafta;**
**Yaa Waaqayyo, kan akka keetii eenyu ree? Nan jedha*.**
**11 Dhuga-baatonni sobduun jal'inaan anatti ka'anii,**
**Gaaffidhaan wanta ani hin beekne ana irra in kaa'u*.**
**12 Isa ani gaarii isaaniif godheef, hamaa anaaf in deebisu;**
**Kopha-galeessas na godhan.**
**13 Ani garuu yeroo isaan dhukkubsatan, uffata gaddaa nan uffadhe,**
**Soomuudhaan namummaa koo gad nan deebise,**
**Gara qoma kootti gad jedhees nan kadhadheef*;**
**14 Akka waan ani fira kootiif yookiis obboolessa kootiif gadduutti,**
**Akka nama haadha isaatiif boo'uuttisAni mataa buuseen gaddaa adeeme*.**
**15 Yeroo ani gufadhee kufeetti gammadanii anatti dacha'a,**
**Utuu ani itti hin yaadinis jecha isaaniitiin na madeessuuf**
**anatti dacha'an, arrabaan na rukkutachuus gab hin goone;**
**16 isaan warra Waaqayyo malee jiraatanii wajjin**
**Nyaataaf taa'anii in ga'isu, ilkaan isaaniif anatti in qoratu.**

**35:9-16** anguun kun fayyisuu YHWH mirkaneessa.

1. Lubbuun koo Waaqayyotti gammaddi - BDB 162, KB 189, *Qal* IMPERFECT
2. Fayyisuu isaatti ni gammaddi - BDB 965, KB 1314, *Qal* IMPERFECT
3. Lafeen isaa hunduu (jechuun, lubbuun isaa, Faru. 51:8) jedhu- BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT (jechuun, "Lubbuu" *nephesh* [BDB 659], fi "Lafeewwan" ciigoowwan, qaama guutuudhaaf, Faru. 6:2)
   a. Kan akka kee eenyu, Bau. 15:11, Faru. 86:8, Miki'as 7:18, mata-duree addaa ilaali, tokkicha, Faru. 2:7 irratti
   b. Rakkataa kan fayyisu

Tuqaa kana irratti (35:11) faarfattichi dinoota isaa ibsuu jalqaba.

1. Dhuga-baatoota hameenyaa- BDB 729 CONSTRUCT BDB 329, lak. 11
2. Waan hin beekne kan gaaffatan - lak. 11 (yoommessi isa xadecha firdiitti, dhuga-batootnni sobduun isaa faarfattichi wanta inni hin goone ni gaaffatu)
3. Qooda waan gaarii hamaa warra deebisan- lak. 12, Faru. 38:20, 109:5 (kan gala galtoo, lak. 13-14)
4. Guffachuu isaatti warra gammadan - lak. 15
5. Soba irratti dubbachuuf isa irratti warra walitti qabaman, lak. 15
6. Isa irratti ilkaan isaanii warra qaran, lak. 15, Faru. 37:12, 112:10, Iyoob 16:9, Faru. Erm. 2:16, Matt. 8:12, 25:30, Luq. 13:28

Faarfannaa 35: 14 fi 15 faarfatticha waan ari'ataniif ni ibsa, maal akka isaaniif godhe

1. Yeroo dukkubsataniitti, inni waa'ee isaaniitiif uffata gaddaa uffate, (mata-duree addaa ilaali, seera gaddaa, Faru. 30:11 irratti)
2. Inni of gadi deebbise, afaan agabuun, kadhate, waa'ee isaaniif
3. Waa'ee isaaniif gadde (akka fira dhi'ootti yookaan obboleessaa)
4. Waa'ee isaanii gaddee (haadha isaaf akka godhuutti)

Dhiibbaan mul'atu jira, duuka buutonni amanamoon kan isaan godhanii fi kan hin amanne kan isaan godhan gidduu! Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenyi qabnu ifatti mul'ata, galumsa warra kaan qabanuun.

**35:12b** MT "Gadda maatiin nama irraa adda ba'uu" kan jedhu qaba (BDB 1013) du'a ijoollee irraan kan ka'e, innis gadda hadhaa'aa kan ta'e. NEB sireefama dhi'eessa, "Jireenya koon barbaade" REB "jireenya koo fudhachuuf barbaadan".

Yeroo hundumaa dhugaa akka ta'e, dubbistoonni ammayyaa kan faayidaa (baha dhi'oo durii) dubbiin dacha guutuu guutuutti hubachuu hin danda'an. Ta'us, ammam illee jecha darbe darbee fi fakkeenya nuura amansiisaa hin taane yoo qabaatees, yaada ijoo wali gala haala barreefamichaa irraa, keessaa iyyuu karaa wal cinaa hubachuun ni danda'ama.

**35:13 b**

| | |
|---|---|
| **NASB, LXX** | **"kadhatni koos gara bobaa kooti deebi'e"** |
| **JPSOA** | **"kanan kadhadhe naaf ta'e"** |
| **NRSV, TEV** | **"mataa koo gara garaa kooti gadi qabee nan kadhadhe"** |
| **NJB** | **"kanan kadhadhee naaf ta'e"** |

MT amansiisaa miti. Kanaaf hiikonni kan isaan jedhan

1. Faarfattichi dinoota isaatiif kan kadhatee fi kan godheef, 35:13-14 irarri faayida ofi isaatti jijjirame, Isaaniif osoo hin taane (Matt. 10:13, Luqas 10:6)
2. Gaalichi kan inni argisiisu yeroo kadhataatti kallatti qaama isaatiti
3. Gaalichi kan inni argisiisu kadhata godhamee dha

**35:15**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV,** | |
| **NJB, JPSOA** | |
| **REB** | **"gufachiisaa"** |
| **NKJV, TEV** | **"diinummaa"** |
| **NEB** | **"odeessaa"** |

MT "gufuu koon" kan jedhu qaba (BDB 854, Faru. 38:17, Iyoob 18:12). UBS prijektiin barreefamaa MT dhaaf sadarkaa "C" kennaaf, (shakkii barbaachiisaa). Innis kan inni dhi'eessuu yaadni (kan gosa okoluu" kan jedhuu dha, faarfaticha miidhamee argisiisuudhaaf (fuula 220UBS *Handbook*

(fuula 335) kan jedhu faarfattichi akka beelada madaa'ee okkola ture. Akkas yoo ta'e "bakka tokkootti walitti qabuu" akka gosa hoomaa sareeti.

**35:16**
**NASB** **"haferaa irratti akka odeesitoota qoosanii"**
**NKJV** **"hafeeraa irratti akka adeesitoota qoosanii"**
**NRSV** **"Oduu qoosaa isaaniitiin itti fufan"**
**TEV** **"akka naafa irratti qoosaniitti"**
**NJB** **"yoon kufe natti marsan"**
**REB** **"yeroon mucucadhuu natti qoosani"**
**JPSOA** **"qoosa fi ashoofu fulduratti nyaara guuruu"**

MT "akka odeesitoota qoosani" kan jedhu qaba, innis miira ifaadhaan kan hin kennamne kan ta'e. Kanaaf hiikonni ingilliffaa wal cinummaa argachuuf yaalu, lak. 15 fi lak. 16 gidduu, ta'us garuu tilmaamaan qofadha. AB (fuula 214) fooya'insa argisiisa, "warra qoosaniin marfamuu koo" miira jedhu qaba.

MT kan jalqabaa yookaan barreefama harkaa Ibirootaa durii miti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 35:17-21

**17Yaa gooftaa, hamma yoomiitti akkasumatti ilaalta?**
**Lubbuu tokkitti ani qabu badiisa isaan itti fidan jalaa,**
**Qabaa warra akka leenca saafelaa anatti gamu jalaas baasi!**
**18Yommus waldaa guddaa keessatti sin galateeffadha,**
**Saba baay'ee keessattis sin jajadha*.**
**19 Warri akkasumaan diina anatti ta'an ana irratti hin gammadin;**
**Warri sababii malee ana jibbanis ana irratti ijaan wal hin tuqin!**
**20 Isaanoo nagaa hin dubbatan, warra biyya keessa nagaadhaan**
**Jiraatan irrattis dubbii sobaa yaadanii in qopheessu;**
**21Isaan, "Baga, baga, iji keenya si arge!. Jedhanii**
**Laagaa anatti banan.**

**35:17-21** Aanguun inni guddaan bifa adda ta'en, kun kan inni jalqabu YHWH maal jechuuf gochuu isaati, isa irraas gochaaf ni kadhata.

1. Amma yoomitti cal jetta - BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT (yaada wal fakkaataa akka faru. 13:1-2, Inb. 1:2-4, Yaahiwween deebii hin kennine, faarfattichi akka inni godhu kan isaan yaadan)
2. Fayyisi ("deebii") lubbuu koo - BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE
   Lakkoofsa 18 kan inni ibsu faarfattichi maal akka godhuudha, YHWH yeroo fayyisu.
1. Walitti qabama guddaa gidduutti sin galateeffadha (walitti qabama mana qulqullummaa, Faru. 22:25, 40:9; 10) -BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT bifa tokkummaatiin faayidaa irra kan oole
2. Saba guddaa gidduutti sin galateeffadha (walcinni wal fakkaataan lak. 1 wajjin) - BDB 237, KB 248, *Piel* IMPERFECT COHORTATIVE faayiidaa irra kan oole

Lakkoofsi 19 "isaan ha ta'an…" gara garee jedhuu fakkaata, kan lak. 5-8.

1. Sababa malee diina kan natti ta'an anatti akka hin gammanne isaan hin dhiisin - BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Yookaan akkasumaan kan na jibban ija isaanii jibbaan ana irra akka ka'aaniif - BDB 902, KB 1147, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Fak. 6:12-14, 10:10,

Faru. 35:20-21 sababawwan kaa'a, YHWH dinoota isaa irratti maaliif akka ka'u.

1. Nagaa hin dubbatan
2. Jecha arabsoo dubbatu
3. Afaan isaani narratti gadi dhiisan
4. Isaaniis jedhan, “ufee, ufee, iji keenya ni arge”

**35:14** Yesus walakkaa lakkoofsa kanaa Yohannis 15:25 irratti eerera, bifa ramaddii guddaatiin isa akka eeru.

**35:17 “Leencoota”** Faarfannaa 34:10 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**35:20 “Lafa isaanii irra callisani kan jiran”** gaaleen kun kan adda ta’ee dha. Akkaataa wal cinaatiin isa kan argisiisu kan fakkaatu rakkoo namoota hin uumnee dha, nagaa warra barbaadan.

## MACAAFA FAARFANNAA: 22-26

**22 Yaa Waaqayyo, kana situ arge, calluma hin jedhen!**
**Fagaattee na duraa hin hafin, yaa gooftaa!**
**23 Yaa Waaqayyo gooftaa ko! Dhimma kootiif ka’I,**
**Dubbii kootiifis dammaqii!**
**24 Akka qajeelummaa keetti dhugaa koo anaaf baasi,**
**Yaa Waaqayyo gooftaa ko! Warri diina anatti ta’an**
**Kunis ana irratti hin gammadin!**
**25 Isaan, “Baga, isa garaa keenyas arganne” hin jechisiisin!**
**“Isa liqimsineerra” akka jedhaniifis karaa hin kenniniif!**
**26 Warri hamaa anaaf gammadan hundinuu haa yeella’an,**
**Haa qaana’anis! Warri anatti of gurguddisanis ,**
**Yeelloodhaa fi salphina haa uffatan!**

**35:22-26** Faarfatichi YHWH haala isaa akka beeku dubbata (Faru. 10:14: 32:8 33:18, 34:15, Bau. 3:7). Miidhaa dinootaa beekuu irraan kan ka’e,

1. Cal hin jedhin - BDB 361, KB 357, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole Faru. 28:1, 39:12, 83:1, 109:1, dabalataniis, Inb. 1:13 irratti yaadanno jiru
2. Ana irraa hin fagaatiin- BDB 934, KB 1221, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole Faru. 10:1, 22:11, 38:21, 71:12

Isaan JUSSIVE gaaffii kadhataa adda addaa sadii isaan duukaa bu’a (IMPERATIVES) xadecha firdiif (jechuun, “tola” “dhimma”).

1. Ka’I - BDB 734, KB 802, *Hiphil* IMPERATIVE, Faru. 7:6, 44:23, 59:4, 80
2. Damaqqi - BDB 884, KB 1098, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Firdii - BDB 1047, KB 1622, *Qal* IMPERATIVE, Faru. 26:1, 43:1, 139:1; 23, firdi “akka qajeelummaa isaati akka ta’e” hubadhaa (31:1C, Rome. 4-6, Gala. 3) lakkoofsa ittii anaaniin (35:24b-26) kan biroon duraa fi aanteen jechi jaha kan hin xumuramin bifa dhiibbaatiin faayida irra oolera.

1. Ana irratti akka gammadan isaan hin dhiisin - BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 24
2. Garaa isaaniitti “ufee, fedha garaa isaanii!” hin jedhin - BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 25
3. Dabalataaniis “Liqimsineera” akka hin jenne - BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 25
4. Haa qaana’an - BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 26
5. Ha qaanneefaman- BDB 344, KB 340, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 26

6. Qaanii fi gadi deebi'ummaa haa uffatan - BDB 344, KB 340, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole lak. 26

> ## MACAAFA FAARFANNAA: 27-28
>
> **[27]Warri qajeelaa ta'uun koo itti tolu, haa gammadan,**
> **Haa ililchanis! Yeroo hundumaas, "Waaqayyo guddaa dha!**
> **Hojjetaan isaa nagaatti jiraachuun isatti in tola" haa jedhan.**
> **[28]Yommus arrabni koo qajeelummaa kee, jajamuu kees**
> **Guyyaa hundumaa in dubbata.**

**35:27-28** Dabalataanis duraa fi aanteen afur *Qal* IMPERFECTS used JUSSIVE faayidaa irra kan oolan.

1. Tola koo warra fudhatan (35:24a) gammachuudhaan ha iyyan - BDB 943, KB 1247, *Qal* IMPERFECT used JUSSIVE faayida irra kan oole, lak. 27
2. Haa gammadan (lak. 1 wajjin wal cina) - BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 27
3. Yeroo hundaa haa jedhan - BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 27
4. Waaqayyo guddaa haa ta'u - BDB 152, KB 178, *Qal* IMPERFECT used JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 27

**35:28** Arrabni amantii hin qabne soba, jette jettee, fi hadhaa'ummaa facaasa, ta'us garuu arrabni duuka buutu amanamaa kan inni dubbatu

1. Waa'ee qajeelummaa Waaqayyoo, Faru. 51:14, 71:15, 24
2. Waa'ee galata isaati

### GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaan kun YHWH akka lolaa fakkeenya nuuraatti akkamitti fayyadamee?
2. Faarfattichi YHWH wantoota inni gaaffatu tarreessi, dinoota isaa irratti akka godhan, lak. 4-5 irratti fi irra deebinis lak. 24B-26 irratti.
3. "Kan akka kee eenyuu?" gaaleen jedhu tokkuummaan isaa maalii dha? (lak. 10)
4. Faarfattichi firoota isaatiin akka ganamee kan itt dhaga'ameef maaliif? (lak. 13-14)
5. "Ufee, ufee" jechoonni jedhan tokkummaan isaanii maalii dha, (lak. 21; 25)?
6. Faarfattichi deggertoota isaatiif kan inni kadhatu wantoota gaarii tarreessi, lak. 27 irratti.

# FAARFANNAA 36

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Hammeenya namootaa fi gaarummaa Waaqayyoo | Hammeenya namaa fi mudaa maleessummaa Waaqayyoo | Faarfannaa walmakaa | Hammeenya namootaa | Fincila cubbamootaa fi gaarummaa Waaqayyoo |
| <u>Seensa MT kan qabu</u> "Garbicha Waaqayyoo Daawiit angafa faarffattoota" | | | | |
| 36:1-4 | 36:1-4 | 36:1-4 | 36:1-4 | 36:1 |
| 36:5-9 | | | Gaarummaa Waaqeffannaa | 36:2-3a |
| | 36:5-9 | | | |
| 36:10-12 | | 36:5-6 | 36:5-6 | 36:3b-6a |
| | 36:10-12 | 36:7-9 | 36:7-9 | 36:6c-7 |
| | | | | 36:8-9 |
| | | 36:10-12 | 36:10-12 | 36:10-11 |
| | | | | 36:12 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun ni ibsa, namoota gaarii hin taane lak. 1-4 irratti fi achi irraas duuka buutuu amanamaa lak. 7-9 irratti.

B. YHWH ibsameera, lak. 5-6 irratti ibsoota maqaa gurguddoo afran.
   1. Arjummaa
   2. Amanamummaa
   3. Jajeelummaa
   4. Firdii/haqa
      Isaanis YHWH fi kakuu isaa  ni ibsu. Isaan kanadha, addunyaan isaa akkamitti hojjetamuun akka irra jiraatu fedhi isaanii.

C. Lak. 10-12 YHWHdhaaf kan godhamu kadhata xumuraa dhi'eessa, isa gaarii dhiibbaa hamootaa keessa buusuu fi gargaaruuf. Gara gadiitti kan harkisu
   1. Addunyaa kufe (Efe. 2:1)
   2. Aadaa kufe
   3. Firooma kufe (1Qor. 15:33)
   4. Eenyummaa kufee (Efe. 2:3)
   5. Efe. 4:2 dabalataanis seexana dabalata (jechuun, humna qilleensa irraa bittaa jiru) innis yeroo hundaa jabaa, dhaabbataa, fi kan diriirfame. Amalli YHWH, jechaa fi gidduu seenuu qofaa dha abdiin keenya.

D. Jechoonni adda addaa lama fayyadamni faaarfannaa kana irratti argamu.
   1. Hamaa isa samii irraa (jechuun, "irra daddaarbaan kan ittiin dubbatamu"), lak. 1
   2. "Mana" kan inni ilaalatu uumama hundumaati yookaan yoomessa bara dhumaa. Lak. 8-9 irra yaadannoo jiru ilaali

**QAYYABANNAA JECHAA FI GALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 36:1-4

**1 Cubbuun keessa garaa nama jal'aa isa gad fagootti**
**In dubbata; kanaafis Waaqayyoon sodaachuun yaada**
**Namichaa keessa hin jiru*.**
**2 Namichi yakka isaa argee akka hin jibbinetti, akka yaada**
**Isaatiitti of gowwomsuu isaa ti.**
**3 Dubbiin afaan namichaa keessaa ba'u haxxummaa fi**
**Gowwoomsaa dha, inni ogummaadhaan hojjeechuu, waan**
**Gaariis gochuu dhiiseera.**
**4 Yeroo siree isaa irra jiru illee haxxummaa isaatiif mala**
**In qopheessa, karaa gadhee irra bu'eera, hamaa kan**
**Ta'e immoo waan tokko hin tuffatu*.**

**36:1-4** Isaan lakkoofsonni kun hamoota kan isaan ibsan (BDB 959).
1. Cubbammaan mataan isaa waan nama dogogorsu dubbata (LXX, MT, "Kan koo") laphee (BDB 833 kanas kanan waamuuf "hafuura xumraa'aadhaan akka namaa kan ta'e"). kan irra daddarbaa/hameenyummaa gocha Faru. 37:38, 51:13, Isa. 43:27, 59:13, 66:24, Erm. 2:8;29, 3:13, 33:8 irratti faayidaa irra kan oole, saba kakuu isaa gidduu kan jiru irra daddarbaa/hameenymmaa ilaaluudhaaf. Faarfattichi kan inni qabaatu namoota arrabni isaanii xuraa'ee gidduu dha  (Isa. 6:5, 9-10).
2. Sodaan hin jiru (jechuun, naasuu, BDB 808) kan Waaqayyoo fuula isaanii duratti. Sodaan Waaqayyoo of-eegannoon itti godhameera, Faru. 34:9, 55:19d irratti. Lakkoofsi kun cuftuu barreefamaati, barreefamoota kakuu moofaatti kan eerame, isaaniis ijoolleen namaa cubbuu isaanii hundumaa Rom. 3:18 irratti.

3. "Irra daddarba nama ta'u" ta'uu yookaan nama gaarii hin taanee ofii isaa soba ("haasawaa qabanaa'aa" BDB 325, KB 322, *Hiphil* PERFECT) ofii isaa waan biteef yakka mataa isaa.
4. Dubbii afaan isaa (innis eenyummaa isaa kan ibsu)
   a. Hameenya dha (BDB 19)
   b. Kan nama dogogorsu (BDB 941)
5. Inni dhaabbeera
   a. Ogeessa ta'uu irra (BDB 968, KB 1328, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT))
   b. Waan gaarii gochuu irra (BDB 405, KB 408, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT)
6. Innis hameenya siree isaa irra ciise yaada (hunduu 36:4 irratti gochoota jiran xiyyaafatoota dha, gocha adeemsa irra jiru kan ibsan), Fak. 4:16, Mikiyas 2:1.
7. Inni karaa sirri hin taane irra adeema. Amalli jireenyaa kan godhame akka fakeenyaa, karaa ta'uu isaa hubadhaa. Tokkoon tokkoon isaa karaa isa kam akka ta'e fillachuutu nurra jiraata, Kes. 30:15, 19, Mat. 7:13-14.
8. Inni hameenya hin raawwatu.

Saba kakuu isaa illee ni qoru/niyaalu (jechuun, hameenya namaan ta'e) ta'us garuu sichi waa'ee filannoo isaanii fi bu'aa inni geessisu dirqamni irra jira!

## MACAAFA FAARFANNAA: 36:5-9

**5 Yaa Waaqayyo, gaarummaan kee**
**Hamma bantiiwwan Waaqaa, amanamummaan**
**Kees hamma duumessootaa in ga'a*;**
**6 Qajeelummaan kee akka tulloota kee jabaatee**
**In dhaabata, firdiin ati kennitus, akka lola guddaa**
**Ittisa hin qabnee ti; nama, horii, bineensas**
**Situ gargaaree oolcha, yaa Waaqayyo*!**
**7 Yaa Waaqayyo, gaarummaan kee attam guddaa dhas,**
**Ijoolleen namootaa gaaddisa bobaa kee jalatti**
**Kooluu in galu*,**
**8 Isaan wanta mana kee keessa guuteen cidha**
**In godhatu, bishaan laga gammachuu keetiis**
**Akka dhugan in goota;**
**9 Burqaan jireenya kennu si bira waan jiruuf,**
**Ifa keetiin ificha in argina*.**

**36:5-9** anguun kun kan inni ibsu amalaa fi gochawwanni dha, saba isaaf kan inni qabu. Fincilaan kan isaa/ishee fillannoo filatee akka jiraatu, akkasumas immoo duuka buutuu amanamoon jaalala YHWH deebii isaan kennan itti fufuutu isaan irra jiraata.

1. YHWHn ibseera, lak. 5-6 irratti akka
   a. Gaarummaa (BDB 338, jechuun, amanamummaa kakuu. Mata duree addaa ilaali, Faru. 5:7 irratti)
   b. Amanamummaa (BDB 53, mata duree addaa ilaali Faru. 12:1 irratti)
   c. Tola (BDB 842, mata-duree addaa ilaali Faru. 1:5 irratti)
   d. Firdii (BDB 1048, mata duree addaa ilaali Faru. 9:5-8 irratti)

   Isaan afran jaboon, irra deddeebiin carraaqii YWHW ti. Isaanis inni ijoollee namoota wajjin waan godhu qabateera. Akkaataa carraaqii kanaatiin namoota fi lubbuu qabeeyyiin lafa kana irra jiraatu hunduu eegameera (BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERFECTS) Elohim pilaaneti kana, saba isaa, bineensoota, fi jireenya pilaaneettii uumeera, ni nyaachisas (mata-duree addaa ilaali, maqaawwan og-waaqummaa, Faru. 1:1 irratti).

2. Duuka buutoota amanamoo
    a. Gaadisa koochoo kee jala buufatu (mata duree addaa ilaali FAru. 5:11-12 irratti)
    b. Mana kee kan jiruu waan irraa hafaa amma dheebbuu ba'anitti dhugu (akkaataa haala qabiyyee barreefamichaa ilaali d yokaan 36:8 irratti yaadannoo jiru)
    c. Mana kee keessaan isaan jiraachisa, akka
        (1) Burqaa jireenyaa 2:13, 17:13
        (2) Ifa (jechuun, dhugaa, fayyaa, gammachuu, 18:28, 27:1)

**36:7 "Yaa gooftaa, ijoolleen namaa"** ta'uu kan danda'u "Waaqayyo" (Elohim) asitti eeramuutu irra jiraata/kan inni eeru "geggeessaa" dha, sababni isaa "namaa fi bineensa" wajjin wal cina waan ta'eef (jechuun, ramaddiin lammanuu) 36:6 c. Akkas yoo ta'e, egaa lamannuu ramaddiwwan namootaa kan argisiisu ta'uutu irra jira

1. Geggeesitoota (jechuun, murteesitoota Bau. 21:6, Faru. 82:6 yookaan geggeesitoota FAru. 29:1, 58:1)
2. Kan geggeefaman

NEB, REB, TEV, fi AB "namoota fi Waaqaa" kan jedhu yaadannoo miila jalaa qabu.

**36:8 "Mana kee"** akkaataa yaada qabiyyee bareefama kanaatiin mana qulqullummaa hin argisiisu, ta'us garuu immoo Edeen uumame malee (jechuun, "Gammachuu" BDB 726, Lak. 8b) yookaan yoomessa bara dhumaa (jechuun, bara haaraa Faru. 46:4, Hiz. 47:1-12, Iyu'eel 3:18, Mul. 22:1-2).

## MACAAFA FAARFANNAA: 36:10-12

**10 Gaarummaa kee warra si beekaniif,**
**Qajeelummaa kees warra garaa qajeelootaaf**
**Ittuma fufi.**
**11 Miilli warra of bokokosanii ana irra hin ejjitin,**
**Harki warra jal'ootaas oofee biyyaa ana hin basin!**
**12 Ilaa! Warri hamaa godhan gad darbatamani kufan;**
**Deebi'aniis ka'uu hin dandeenye.**

**36:10-12** anguun xumuraa kun faarfattichi YHWH dhaaf kadhata inni dhi'eessuu dha, akka duuka buutota amanamooti (jechuun, "sin kan beku," mata-duree addaa ilaali Faru. 1:6 irratti).

1. Itti fufi - BDB 604, KB 645, *Qal* IMPERATIVE
    a. Arjummaa keetiin
    b. Tola keetiin
2. Hin heyyamin
    a. Miilli of jaja isaa ana irratti akka hin dhufne - BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
    b. Harkii cubbamaa akka nah in jeeqne - BDB 626, KB 678, Hifil IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
3. Hamaa itti haa ta'u
    a. Haa kufuu - BDB 656, KB 709, *Qal* PERFECT
    b. Haa kufuu - BDB190, KB 218, *Qal* PERFECT
    c. Ka'uun hin ta'iniif - BDB 407, KB 410, *Qal* PERFECT (gaaleewwan sadan hunduu du'aa fi gara *si'oolitti* gadi bu'uu argisiisu)

Bu'aa amantii yaadadhaa (36, 11-12). Fillanoowwan bu'awwan qabu!

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Hiikawwan jiran hundumaa wal bira qabi, isaanis lak. 1 kan ittiin hiikaman karawwan adda addaan kaa'i.
2. kan lak. 1-4 yaada ijoo jecha mataa keen himaa ibsu tokkoon ibsi.
3. Jechoota faayida qabeesa afran, lak. 5, 6 irratti irra kan jiran waa'ee kan haalaa fi haalaa hin taane yaadrimeen kakuu moofaa maal jedhu?
4. Jechi Eelohim jedhu, lak. 7 irratti waa'ee warra murteessanii yookaan geggeesitoota Israara'el waa'ee Waaqa Israa'eel eeruu danda'aa? Maaliif?
5. "Gaadisa bobaa isaa jala" jechi jedhu waa'ee Waaqayyoo saala dhalaan kan inni hin argisiifne maaliif?
6. Daawiit waa'ee balleessaa dinoota isaaf kadhachuun isaa siif kan hafuuraa sitti hin fakkaatuu?

# FAARFANNAA 37

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Fayyuu nama Waaqayyootti amanatuu fi badiinsa namoota warraa hamoo | Dhaala qajeelaa fi badiisa hamootaa | Firdiin warra hamoota sirrii ta'uu isaa/Faarsaa ogummaa/ | Galma hamaa fi gaarii | Ga'ee nama qulqulluu fi cubbamaa |
| <u>Seensa MT kan qabu</u> | | | | |
| Faarsaa Daawiit | 37:1-2 | 37:1-2 | 3:1-2 | 37:1-2 (*aleef*) |
| 37:1-6 | 37:3-4 | 37:3-4 | 37:3-4 | 37:3-4 (*bet*) |
| | 37:5-6 | 37:5-6 | 37:5-6 | 37:5-6 (*gamel*) |
| | 37:7-11 | 37:7 | 37:7 | 37:7 (*dalex*) |
| 37:7-11 | | 37:8-9 | 37:8-9 | 37:8-9 (*hi*) |
| | | 37:10-11 | 37:10-11 | 37:10-11 (*waw*) |
| | 37:12-15 | 37:12-13 | 37:12-13 | 37:12-13 (*zayin*) |
| 37:12-15 | | 37:14-15 | 37:14-15 | 37:14-15 (*het*) |
| | 37:16-17 | 37:16-17 | 37:16-17 | 37:16-17 (*tet*) |
| 37:16-22 | 37:18-20 | 37:18-19 | 37:18-20 | 37:18-19 (*yo*) |
| | | 37:20 | | 37:20 (*keef*) |
| | 37:21-22 | 37:21-22 | 37:21-22 | 37:21-22 (*lamed*) |
| | 37:23-24 | 37:23-24 | 37:23-24 | 37:23-24 (*mem*) |
| 37:23-26 | 37:25-26 | 37:25-26 | 37:25-26 | 37:25-26 (*nun*) |
| | 37:27-29 | 37:27-29 | 37:27-29 | 37:27-28b (*samek*) |
| 37:27-34 | | | | 37:28c-29 (*ayin*) |
| | 37:30-31 | 37:30-31 | 37:30-31 | 37:30-31 (*pi*) |
| | 37:32-33 | 37:32-33 | 37:32-33 | 37:32-33 (*zadi*) |
| | 37:34-36 | 37:34 | 37:34 | 37:34 (*qoof*) |
| | | 37:35-36 | 37:35-36 | 37:35-36 (*resh*) |
| 37:35-40 | 37:37-38 | 37:37-38 | 37:37-38 | 37:37-38 (*shim*) |
| | 37:39-40 | 37:39-40 | 37:39-40 | 37:39-40 (*taw*) |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun duraa fi booda jecha duuka butoota amanamoo kan of eegachiisuu fi kan ibsu, fi amanamoo warra hin taane ibsuu gidduu kan jabeessuu dha. Waa'ee dhimma barumsa hafuuraa badhaadhummaa isa hamaati/faarfannaa 73, Inbaqoom.

B. YHWH karaa adda addaa baay'eedhaan amallii isaa ibsameera. Inni kan amanate deggera, amantii kan hin qabne ni balleessa.

C. Kun faarfannaa daangaati. Tokkoon tokkoon qubee lakkoofsa lama qabu /jechuun, sararawwan 4/ Qoofin alatti, 37:34, innis sararawwan 3 qabu.

D. Kan faarfannaa kanaa barumsi hafuuraa isaa, waa'ee lafa dhaaluu (jechuun, Kana'an) waa'ee badhaadhinaa fi kan hundeefame Uma. 12:1-3 irratti dha (YHWHn waamicha jalqabaa fi abdii Abrahaamiif), innis Museedhaan gara kakuu Museetti kan guddate. Innis eebba warra abboomamanii immoo abaarsa qaba (Lewoota 26, Kes. 27-30 guduunfaa fooya'e).

Waaqayyo ofii isaa addunyaaf ibsuu barbaada bifa addaatiin saba kakuu karaa Israa'eeliin. Israa'eel kan barbaadameef ayyaana isaa, araara, fi jaalala ibsuuf ture, Iyyaasuu - 2Mot. abboomamuu diduu Israa'eel kaayyoo kan balleesse. Israa'el itti faradame, kakuun isaas ni cabe (jechuun, bittaa). Kanaaf, YHWHn "kakuu haara" baasuudhaaf dirqisifame (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-38) gochaa fi ayyaana ofii isaa irratti hundeefame, nama kufeen abboomamuu irratti osoo hin taane (jechuun,wangeela Yesus Kristoos, kakuu haaraa irratti kan kaa'ame). Kakuu haaraa kanaan saba Israa'eeliif abdiiwwan galaman ni balleefaman! Mata-duree addaa sin jiraachiisa, jijjirama kana galmeessuuf kan yaalu!

**Mata duree addaa: Waa'een bara dhumaa maaliif kan irratti walii hin galamne ta'e?**

Waggoota dheeraaf yoggaan waa'ee bara xumuraa qo'adhutti kiristaanonni heedduun waa'ee kanaa waanta qinda'ee qopheeffammee akka hin qabne yookiin qopheessuu akka hin barbaadnen hubadhe. Kirsitaanonni ammi ta'an kan waa'ee kiiristaanummaa naannaa xin-waqummaa yookiin xin-sammuu yookiin manneen amantii garaa garaa irratti xiyyeeffatan jiru. Kiristanonni kunneen wa'ee bara xumuraa irratti xiyyeeffachuudhan waa'ee wangeelaa ariifachisummaa yeroo dagatan nan arga! Amantoonni waa'ee bara xumuraa irratti dhiibbaa fidan hin qabaatan garuu waa'ee waangeela raabsuu irratti xiyyeeffachuu qabu Matt. 28:19-20; Luqa 24:47; Acts 1:8). Amantoonnii heedduun waa'ee bara xumuraa dhuufatii Kiristoos fi raawwatamuu waanta hundumaa abdii Waaqayyoo akka ta 'e ni mirkaneessu.

Rakkinni hiikkaa kan inni madde akkaataa waa'ee xumuraa isa yeroodhaaf ta'ee kana isa Macaafi Qulqulluu bakka gara garaatti barreeffame waanta waliin mormu fakkaatu (Biblical paradox) hubachuu dadhabuu irraa kan madde dha.

1. Waliin falmii fakkeenya raajota Kakuu Moofaa fi fakkeenya warraa Kakuu Haaraa gidduu jiru
2. Falmii isa Waaqayyo inni Macaafa Qulqulluu waaqa tokkicha ta'uu (waaqayyo isa saba hundumaaf tii) fi Israa'eeliin (saba addaa ta'e) filachuu isaa gidduu jiru.
3. Falmii isa abdii isa haala irratti hundaa'u kakuu Waaqayyoo (conditional) ("yoo...booda") fi isa Waaqayyo haala kan ilaallee ilma namaa isa cubbuutti kufee fayyisuuf immoo amanamummaa isaa gidduu jiru.
4. Falmii isa barreeffa warra dhiyaa isa hammayyaa'ee fi barreeffama warra ba'aa dhyoo isa durii gudduu kan jiru
5. Falmii waa'ee mootummaa waaqayyoo isa amma jiruu fi darbee immo isa sichi dhufu ta'uu isaa gidduu kan jiru.
6. Falmii isa waa'ee deebi'uu kiristoos amanuu fi dhufaatii isaan dura immoo waantoonni dursanii ta'an jiraachuu isaanii gidduu isa jiru

**FALMII KANA TOKKO TOKKOON MEE HAA ILAALLU**

**Falmii inni tokkoffaan** (kan kauu moofaa kan sanyii kan biyyummaa fi kan ramaddii teessuma lafaa kan Addunyaa irratti argaman amantoota hundumaa wajiin) hundumtuu kan Kakuu Moofaa raajoonni Filisxeem keessatti Yerusaaleemiiin giddu daleessa kan godhatee bittaawwa Yihudoota ammas akka deebisuuf uummata biyya lafaa seera bitaa Daawiti ol ol qabuu fi tajaajilugara kanatti akka sasaaban raajaniiru, haa ta’uu malee yesuusiinis ta’ee ergamooti Kakuu Haaraa tassumaa dhimma kana irratti hin xiyyaafanne. Ibsi Kakuu Moofaa haafuraan in sakkata’aamne (Mat 5:17-19) jechudhaa? Yookiis Kakuu Haaraan macaafichi kan raawwate dhugaa isa guddaa dadhabsiiseeraa?

Waa’ee dhuma biyyaa lafaa kan yaadachisaan maddi baay’een jiruu

1. Raajonni Kakuu Moofaa (Isa , Mikiyaas, Milkiyaas)
2. Kan Kakuu Moofaaa guyyaan dhufaati bareesitootni (Hizqi’eel 37-39, Dani’eel 7:12, Zaka)
3. Luqisii barreefama qulqulluu kan hin taanee kan Yihudoota guyyaa dhufaati barreeffama (akka 1 Henok waa’ee Yihudoota kan barreesse)
4. Yesuus mataan isaa (Mat 24, Mar 13, Luq 21).
5. Barreefamni Phawuuloos (1 Qorontoos 15, 2Qorontoos 5, 1Tesselonqee 4-5, 2Teseloonqee 2).
6. Barreefama Yohaannis (Yoh isa duraatii fi mul’ata).

Isaan kun hundumtuu waa’ee raawwii yaada ifatti barsiisu (Kiristoos irraa namoota dura boodan) yoo hin taanee maaliif? Hafuuraan kan barratan miti (bara Yihudoota kakuu barreeffama irraa kan hafee)?

Jechaa fi rimmidiidhaan haa gargaaraniif haafuuri qulqulluun dhugaa isaa barreesitoota Kakuu Moofaatti ibseeraaf. Ta’es haafuuri qulqulluun isaan ibsa Kakuu Moofaa yaada dhumma biyya lafaa hagaa ammatuuti bal’iseera. (“dhoksaa Kiristoos” Effesson 2:11-3:13).

Kan itti fufee jiruu fakkeenya qabatamaa ragawwan haa ilaaluu

1. Kakuu Moofaaa keessatti magaalaan Yeruusaaleem saba Waaqayyo (Tsiyoon) dhoksa argisiisuu taate tuqamte jirti, ta’us garuu, kakuu haaratti Waaqayyon amanani qalbi kan jijjiratan namooti hundumtuu akka simatuu kan argisiisuu dhi’eenya qaba (kan mul’taa magaalatti haara Yerusaaleem).Barreefami barsiisa Waaqayyummaa fi magaalan qaaman turtee gara ishee haara saba Waaqayyoo magaala balinnatti (kan Yihudootaati fi amantooti Faarisoota) tokkoll4e Yihudootaa fi magaalan Yihudoota utuu hin jiraatiin dura Waaqayyo kan kufee ilma namaa oolchuudhaaf kakuu inni galee ta’uu isaaUma3:15 ibsamee argama. Waamamuun Abirahami illee (Uumama 12:1-3) Fariisoota hirmachiise ture (Uumamaa 12:3, Bau 19:5).
2. Kakuu Moofaaatti dinni saba Waaqayyo kan turan kan naannoo kan durii biyyoota baha dhi’oo turan haa ta’uu malee Kakuu Haaraati diinni saba Waaqayyo warra in amane haafura seexanaatiin kan geggeefamanii fi diinna saba Waaqayyoo gara warra ta’ani bal’ata dhufeera.lolichi olla irraa walitti bu’iinsa naannoo gara biyyoolessaatii fi walitti bu’insa wali galaatti ce’eera (Qolasiyaas )
3. Kakuu Moofaaati murtaa’e kan turee abdiin biyyatti (kan Uma abboota amantii kakuu isaaniUma12:7, 13:15, 15:7-15, 17:8) amma gara biyya lafa hundumaati bal’ateera. Amma Yeruusaaleem ishee haaraan kan baha dhi’oo qofa yookaan kan murtooftee utuu hin ta’iin haara irra deebite kan lafa uumamate taatetti (Mul’ata 21-22).
4. Bal’ataa kan dhufaan yaada raajii Kakuu Moofaaa gidduutti fakkeenya murta’aan kan ta’an (1)
   a. Amma sanyii Abirahaam namni haafuuraa kitaanameera (Rom e 2:28-29)
   b. Amma sabi kakuu hormootas hammateera (Hose’aa 1:10, 2:23, Rom 9:24-26 tuqameera dabalataan Lew 26:12, Bau 29:45, 2 Qor. 6:16-18 tuqameera. Akkasumas Bau 19:5, Kes 14:2, Tiitoo 2:14 tuqameera).
   c. Amma mani qulqullummaa Yesuuusidha, akkasumas karaa isaa waldaan kiristaana naannoo (1 Qor. 3:16) yookaan amanaan dhuunfaa (1 Qoroonxoos 6:19) fi

d. Amma Kakuu Moofaaati goochmni kan ibsamee Israa’eli fi amala ishee walummaa galatti kan argisiisan saba Waaqayyotti (jechuun, “Israa’eel” Rom e 9:6, Gal 6:16 “mootummaa luboota” 1 Phexiroos 2:5, 9-10. Mul’ata 1:6).

Fakkeenya raajii xumureera, babalateera, amma immoo caalatti hundumaa kan ammatu ta’eera. Yesuusi fi barreesitooti Ergamoota waa’ee bara dhumma akka raajoota Kakuu Moofaatti fakkeessani hin dhi’eesine (Martiin Wayin Gardeen, mootummaa gara fula duraa raajii fi raawwata).

Kan kauu moofa kan jiruu barreeffamni fakkeenya yookaan boca kan fudhatan hiiktooti ammayyaa mul’ata caalatti barreesitootni Yihudoota kan ibsuu fi kan Yesuus akkasumas kan Phawuuloos gaalee Atomayiiziidii, bitaacha kan namatti galchu gochuu miciraniiru! Barreesitooti kakuu haara yaada raajoota Kakuu Moofaaa guddaa dhaa fi ta’ii biyyoolleessa kan argisiisuu akka ta’an ibsuu malee kan wal falleessan miti. Kan Yesuus yookaan klan Phawuuloos barri dhumma ibsii tokkoollee kan qinda’ee fi ta’uu kan qabuu seera hin isan hin barbaachifne. Akeeki isaani guddaan fayyisuuudhaa fi yookaan barumsa hafuurati. Ta’us garuu Kakuu Haaraa keessatti illee yoo ta’ees dhiphina qaba. Waa’ee haala bara dhumaa tokkoollee dursaa haala seera hin qabu. Mul’ati karaa baay’eedhaan Yesuusi waa’ee bara dhumaa yeroo ibsuu barrumsa inni barsiise irraa caala kan Kakuu Moofaa fakkeenyi gargaaramuun isaa kan nama diqisiisu (Mat 24, Mar15) Hizqi’eel irratti Daani’eeli fi Zakiin kan jalqabee barreeffama Sharbee (genre) hordofa ta’us garuu bara kakuutti guddataa dhufeera (bara Yihudoota dhumaati barreefama). Kun tarii Yohannis kan dulloomee fi kakuu haara karaa inni tokko godhe ta’uu danda’a. barri dheeran kun hameenya namaa jiruu fi kutannoo fayyisuu Waaqayyo argisiisa. Ammam illee kakuu haaran qooqa Kakuu Moofaa, namaa fi mudannoo fayyaddamuuf haalota deebisee kan ibsu garuu kan Room ilaalcha jaarra jalqabaati.

**Falmii lammaaffaa** (Waaqa tokkoo waaqessuu saba fillatamanii wajjin)

Xiyyaaffannoon Macaafa Qulqulluu tokko eenyummaa, nama haafuraa, uuma/fayyisaa kan jiruu Waaqayyoo irrattidha. (Bau 8:10, Isa 44:24, 45:5-7, 14, 18, 21-22, 46:9, Er 10:6-7). Kakuu Moofaa adda kan godhuu yeroo isaatti waa’ee Waaqa tokkoo ibsuu isaati. Mootummooti naannoo turan walumma galatti waaqollii baay’eetti kan amanan turan. Mul’ati Kakuu Moofaa kan argisiisuu Waaqayyo tokko akka ta’eedha (Kes 6:4). Uumamni Waaqayyoodhaan akkasumas bifa isaatii fi fakkeenya isaa (Uumama 1:26-27) nama uumamee giddutti kan xiyyafamee tokkummaan sadarkaa tokkoodha. Ta’us garuu namani jalaala Waaqayyotti qajeelfamaa fi naannoo irrati cubbuu hojjechuudhaan didee (Uumamaa 3). Jaalalli Waaqayyo fi akeeki isaa baay’ee cimaadhaa fi dhugaa ta’uu isaa irraa kan ka’ee Waaqayyo sanyii namaa kufee akka oolchu kakuu galeera (Uumama 3 :15)!

Dhiphinnichi kan inni itti dabale Waaqayyo sanyii namaa hafee ga’uudhaaf nama tokkoo, maatii tokkoo, saba tokkoo, yeroo fillateetidha. Waaqayyo Abiraahamii fi Yihudoota akka mootummaa lubootaati (Bau 19:4-6) fillachuun tajaajila caala ulfinna, walitti qabachuu caala walitti qabuu dhiisuu uumeera. Waaqayyo waamichi inni Abirahaamiif godhee sanyii namaa hundumaa eebbisuuf akeeke ture (Uumama 12:3) fillannoon Kakuu Moofaa kan ture tajaajilaaf malee birmadummaadhaaf akka in taanee yaadachuun xiyyaafannoo kan kennu ta’uu qaba. Walumaa galatti israa;el amantaa dhuunfa isaanitii fi maboomamuu isaani (Uumama 15:6, Rom e 4 keessatti xuqameera.) Malee Waaqayyodha wajjin waan wal qixxeessaan callisee dhalachuun mirgii isaani qoftii raawwatani barabaraan kan fayyan miti (Yhannis 8:31-56, Mat 3:9). Israa’el ergama ishee dogogorteeti, itti gaafatamummaa ishee gara bu’aatti, tajaajila ishee gara ejjennoo adddatti jijjirteeti! Waaqayyo hundumaa fillachuuf tokkoo filateera!

**Falmii sadaaffaa** (fudhatama kan argatan kakuu haala dursuu kan hin qabne kakuu wajjiin)

Dursa haala kan qabanii fi kakuu hin qbnee giddutti muudama barrumsa haafuuratiin yookaan jechoota wal faalleessan qaba. Akeeki fayyisu Waaqayyo dursa haala kan hin qabne akka ta’ee ifaadha (Uumamaa 15:12-21). Ta’us garuu namaaf dirqamni inni kennee deebiin isaa yeroo hundumaa durs

haara kan qabuudha!

Lamaanuu Kakuu Moofaaa fi kakuu haara keessattii “akkas yoo ta’ee……akkas in ta’a” bareefamni bifa akkasi in mul’ata. Waaqayyo amanamadha, ilmii namaa garuu amanamaa miti. Mudamii kunni baay’ee bitaacha kan namatti galuu fideera. Kan hiikaan“bitaacha itti galuu irraa handhura” gara isaa tokkoo qofa irratti xiyyaaffannoo gochuun jal’isaniiru, amanamummaan Waaqayyo yookaan yaaliin namaa olaantummaa Waaqayyoo yookaan fillannoo bilisaa namaa. Lachuu Macaafa Qulqulluudhaaf barbaachisaadha.

Kun amma bara dhumaati Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti Israa’eliif kan kenne sagallee abdii wajjin adeema. Kakuun sagallee abdii kana erga kenne, akka raawwatamuu in godha sirridhaa? Waaqayyo sagallee abdii isaa wajjin kan walitti hidhameedha kabajji Isa isa wajjin adeema (Hiz 36:22-38). Dursa haala kan qabaniif kan in qabne kakuu Kiristoosiin tokkoo ta’uu (Isa 53) malee Israa’elin miti. Amanamummaan guddaan Waaqayyo qalbii kan jijjiiratanii fi kan amanan hundumaa irratti oolchu godhamuudha malee abban isaa/maatiin isaa eenyuudha kan jedhuun miti! Kakuu Waaqayyootii fi sagallee abdii isaatiif furtuun Kiriistoos malee Israa’eliin miti.barrumsa haafuraa Macaafa Qulqulluu keessatti yaada jalqabaa irraa adda ba’ee kan mul’atuu yoo jiraate kun waldaa Kiristaana utuu hin ta’iin Israa’elidha (Hojii Ergamoota 7 fi Gal 3). Ergama labsii wangeella biyyaa lafaa gara waldaa Kiristaanatti darbeera (Mat 28:18-20, Luk 24:47, Hojoii Ergamoota 1:8). Kun hagaa ammatti dursa haala kan qabuu kakuudha kana jechuun Waaqayyo guutuu guutuutti Yihudoota dhiiseera jechuu miti (Rom e 9-11). Yeroo dhumaatti amanuu Israa’el bakkaa fi akeeka qabaachu danda’a (Zaka 12:10).

**MuddamaArfaffaa** (boca barreefama bahaa dhi’oo bocaa warra dhi’aa wajjiin)

Macaafa Qulqulluu sirritti hiikuudhaan tooftaa barreefama isaa baay’ee barbaachisadha. Waldaan kiriistaana guddinna isheewarra Lixaatiin (Girikii) hundee aadaa ture. Barrefami warra bahaa kan ammayyoomee barreefama warra lixaa boca barreefamaa caalaatti baay’ee lkan ibsuuf jecha dhokkataadhaaf mallattoodha. Kan hawaasummaa dhugaa duuka jiru caalatti namaan, mudannoo dhaa fi ta’ii irratti xiyyaafata. Kiriistanonnii seena mata isaanitii fi boca barreefamaa fudhachuudhaaf raajii Macaafa Qulqulluu (lamaanuu Kakuu Moofaaadhaa fi kakuu haara) hiikuudhaaf fayyadamuu isaani dhaloota tokkoon tokkoon isaati fi qaami lafaa mulata hiikuudhaaf aadaa mataa isaa, seenaa fi wanta ijoo fayyadameeti. Isaan giduudha tokkoo sirri hin ture! Raajii Macaafa Qulqulluu aadaa ammayyoomee warra lixaa irratti kan xiyyafateedha jedhanii yaaduun dogogora! Inni guddaan hafuuraan kan geggeefamee barreessan barreesuus kan inni fillatee tooftaa barreefamaa haala dubbistoota wajjjin bifa wali galuudhaan.

Macaafi mul’ataa seena kan odeessu miti. Macaafichii kan ergaa (boqonnaa 1-3) kan raajii fi irra caala immoo guyyaa dhuufaatti barreefama wal makkaadha. Macaafni qulqulluun isaa guddaa barreesaan kan karoorsee olitti akka dubbatu gochoos ta’ee barresan kan kaa’e gaditti akka ta’ee gochuu dogogora. Of tuulluamman warra hiikani kan akka mul’ata macoofonni jiran irratti caalatti sirrummaa isaa in mul’ata. Waldaan kiriistaana hiikuu sirriidhaan wali galtee hin beektu. Tuqaan koo inni gudaan Macaafa Qulqulluu muraasaan utuu hin ta’iin guutumaatti dhaga’uudhaaf qayyabachuu irratti. yaada warra bahaatiin macaafni qulqulluun dhugaa dhiphinna wajjiin walitti qabani qabatiiru. Nuyi warri lixaa immoo dhugaa yaadu irratti shaakala qabnu gatii kan hin qabne miti. Haa ta’uu malee kan wal madaale miti. Yaadi kankoo mul’ati yeroo hiikamuu dhalooti amanaan yoo xinnaatee wanti rakkissoon akeeka ittiin jijjiramaan yaadannoo kennufiidhaan balleessuun in danda’ama. Hiiktooti baay’eedhaaf mul’ati mata isaatiin yeroo walitti dhi’eenyaa fi kan mataa isaa tooftaa barreeffamaa hiikamuu akka qabuu ifaadha. Mul’ata irratti dhi’eenyi seena yeroo barreeffamuu dubbistooti jalqaba maal beekaa akka turan maal akka beekaaniifi maal akka hubatan kan hubaachisuu ta’u qaba. Karaa baay’eedhaan hiiktoonni

ammayyaa mallatto macaaficha baay’ee hiika dhabaniiru. Kan mul’ataa yaada ka’umsa guddaa amantoota dhiphinna irra jiran jajjabeesuf ture. Kitaabichii seena Waaqayyoo akka to’atuu argisiiseera

(raajoonni Kakuu Moofaaa akka godhan) seenan gara xiyyafatuuti bakka raawwata deema jiraachi isaa mirkaneessera. Gara murtitti yookaan gara eebbaatti (raajonni Kakuu Moofaa akka godhan). Macaafichi jaarra jalqabaa kan Yihudoota guyyaa dhufaatti jecha jaalala Waaqayyoo, ulfinna, humna, fi olaantummaa mirkanneessera.

Macaafichi isaan wal fakkaata tooftaa barnoota Macaafa Qulqulluu amantoota hundumaatiif dhaloota tajaajiluu qaba. Kan gaarumaatii fi kan hameenyaa wallansoo ibsa. Jaarra jalqabaatti haali ibsa nurkaa bade ta’uu danda’a. Amma garuu warri cimmoodhaaf bilisa kan baasaan dhugaan nurkaa in badu. Hiiki amma yya warri lixaa tarreefami mul’ataa gara seena mata isaanitti yeroo geggessan hiiki isaa gara bifa dogogoraatti sirreessa deema.

Warri dhumaa dhalooti amanoon diina Waaqayyoo geggeessa ta’ee (2Tesel 2) fi sababa aadaa waan jeeqamaniifhaali tarreefama macaafichaa bifa itti dhaga’amuun sirri akka ta’ee gochuun in danda’ama (akkuma Kakuu Moofaa Kiriistoos irraa dhalachuu, jireenyaa fi du’a wajjin kan wal qabate akka godhee ). Jechii Yesuus Kiristoos raga seena hagaa ta’anitti (Mat 24, Mar 13 fi Luq 21) fi Pawlooss 1Qor 15; 2Tes 4-5 fi 2Tes 2) karaa seenaa keessattis qabatama ta’eera. Waa’ee barreeffama macaafota mul’ataa raawwata isaa inni beekuu hin danda’u. Kan tilmaamaa ta’uu isaa, ragaan deggaramuu dhabuu isaa fi ifa ta’uu dhabuu isaa hundumtuu sirri miti.

Guyyaan deebi’ee dhufuu barreefamni birmadummaa kana in iyyama. Seenefamaa seena fakkii caalaniifi mallattoo Waaqayyoof haa gallatuu! Waaqayyo hundumaa to’ateera in mo’a, in dhufa!

Baay’een tarreesitooni ammayyaa kan dhi’eesan toofta barreeffama kana tuqa dogogoru! Hiiki ammayya warra lixaa kan barbaadu, mallattoodhaan kan dhi’aatee deebi’ee dhufuu Yihudoota toofta barreeffama sirritti ibsuu caala ifa, kan salphatuu baruumsa Macaafa Qulqulluu seera barbaadu.

El Howaardii Maarshaal kan wal qixaaxe kan Raalfi. Maartiin *New Testament Interpretation* kan jedhu keessatti

> “macaafa kakuu haaratii fi ibsa dhi’aatuu” barreefama jedhuu irratti dhugaan kun sirritti ibsameera “barreeffama kana dhi’aachuu nama hawatuun dandeeti yoo in hubanneefi dhugaa amantaa ibsuuf qooqi inni fayyadamee dhi’aannaa akka karaa guddaatti goonee yoo hin fudhanne malee waa’ee guyyaa deebi’ee dhufuu beekumsii nuyii qabannuu dogogoraa nama gadisiisuun, akkasumas keessa isaa mul’ata jiran hiikuudhaaf yeroo yaadnu akkuma barreeffama macaafaati lakka’uudhaan hojii irra kan oolan akkasumas yeroo isaa kan ibsan ta’ii seena irratti qofa xiyyaafannoo dogogoraa in hojjeenne. Duran dursee kan tuqamee haala hiikaa yaaluu irratti haalota hundumaa kan ammattu rakkinoota in fida. Caalatti xiyyafannoo yeroo arginnuu kun waa’ee guyyaa dhufaatti hiika barbachisaa kan kennuu kan walin dha’uu fi kutaa kakuu haara kan nama aja’ibsiisuu qooqaa seena kan ibsamuu karaa Kiriistoos kan dhufuu teessoo Waaqayyoo akkasummas bitta isaa irratti jabbina jiruufi yaada jaalalaa haala walitti buusuun kan uumuu ta’a (5:5, 6, leenchichi hooladha) (fuula 235).

W. Randiidoolfii hiikaa Macaafa Qulqulluu kan jedhuu macaafa isaa irratti akka tuqeetti

> “Macaafa Qulqulluu keessa akka jiruutti guyyaan dhuufaati barreefamichi laphee kan nama rukkutuu fi gada kan namati qabsiisuu kan biraa tooftaa barreeffama in qabu,irraa guddaa kan Daani’eelii fi maccafi mul’ataa. Tooftaan barreeffama kun bifa barreeffamatiin qabiyyee isaatiif akeeka isaa kan qabatan kuta barbaachiisoo sababa in hubanneef seenaa keessatti baay’ee kan nama dogogorsan hiikaa balleessu bira ga’eera. Yeroo dhuufatti tooftaa barreeffamaa yeroo boodee maal akka ta’uu kan dubbattuu waan ta’eef waa’ee haala fuula duraa akka qajeelfamaatii fi kaayyoo ta’ee mul’ataa tureera. Ilaalcha kana keessa kan jiruu rakkinni namaa gadisiisuu madaaliin macaaficha
>
> barreessa irraa caalaa kan dubbissuu haala har’a irratti hunda’uu isaanitti. Kun ilaalcha dogogoree (irra gudda mul’ata irratti) barreefama kana hiika dhoksa akka qabutti yaduudhaan mallattoo

macaafichaa hiikuudhaaf haalota har’a fayyadamuudhaan akka danda’aamuti.

….Hiikii inni jalqabaa guyyaa dhuufatti tooftaa barreefamaa ergaa isa dabarsuudhaaf mallattoo akka fayyadamuu beekuu qaba. Jecha dhokataa ta’ee utuu jiruu mallattoo tokkoo kallattiin hiikuuf salphaati gara dogogora hiikutti kan qajeelchuudha. Dhimmii isaa guyyaa dhuufaati tooftaa barreffama keessatti ta’ii jiran seeneffama ta’uu dhiisuu isaani miti. Ta’iin kun seena ta’uu danda’a sirrittis kan ta’ee ta’uu danda’a yookaan kan ta’an ta’a. haa ta’uu malee barreessaan ta’ii kan dhi’eesuu fi hiikaa isaa kan dabarsuu fakkii fi bifa boca seenatiin” (fuula 137). Rikeen, Wiillihoositi fi Ballondi maansadaffaakan sirratee kan Macaafa Qulqulluu fakkeenya samuu galmee jechoota “dubbistooti har’aa tooftaa barreeffama kanaatiin bittaacha itti galee akkasumaati abdii kutaniiru. Kan hin eegamne fakkeenya samuuf biyya lafa kana irraa haala ba’een shakaala ibsa isaanitiin baay’een qayyabbannaa Macaafa Qulqulluu bitaacha kan ta’aaniif kan in qindoofne fakkeessa. Barreefamni kun ifatti dhugaan mul’atuu qofa fudhachuun dubbistoota baay’ee ariitiidhaan ‘itti fufee maaltuu’ gara jedhutti murtootti geessa, kun immoo guyyaa dhufaati ergicha isa guddaa dogogorsa” (fuula 35)

**Falmii shanaffaa** (mootummaan Waaqayyo akka har’aas akka boris

Mootummaan Waaqayyoo kan har’aatiis akkasumas fuula durattis kun barrumsa Macaafa Qulqulluu yaada walitti bu’uu haala bara dhummaa irratti xiyyaafannoo kan barbaaduu ta’eera. Namni tokkoo Kakuu Moofaaati Israa’eli fi kan dubbatan raajii hundumaa kallatiin raawwaachuu isaa kan eeguu taanan mootummaan dhufuu baay’inaan gara murta’eeti kan Israa’eel teessumma lafa kan deebisuu fi baruumsa Macaafa Qulqulluu sirritti hubachuu dhiisuu ta’a. kun waldaa kiristaana dhoksaadhaan boqonnaa shan irratti baasuudhaaf kan hafan boqonnaa israa’el wajjiin akka deemu gochuu barbaaisa akka ta’uu godha
ture. Ta’us garuu xiyyaafannoon isaa kakuun kan galameef Masihii Kakuu Moofaa mootummaa inni hundessee irratti yoo ta’e, kun dhuufaatii Kirisoos isa jalqaba argisiisa itti fufuudhaan xiyyafannoon isaa foon uffachu Kiristoos irratti jireenya, barsiisa, du’aa fi du’aa ka’uu ta’aa jechuudha. Barsiisa Macaafa Qulqulluu xiyyaffannoo adda waa’ee fayyina har’aati. Mootummaan isaa dhufeera abdiin Kakuu Moofaaa Kiristoos hundumaatiif waamicha fayyinaa gochuudhaan raawwateera, bittaan isaa waggaa kumaa kan murta’aan qofa irratti miti. Sirrimatti macaafni qulqulluun wa’ee hundumaa dhuufaati Kiristoof in dubbata ta’us garuu xiyyaffannoon isaa ta’uu kan qabuu isa kam irratti? Anati akka fakkaatuuti baay’een raajii Kakuu Moofaaa xiyyaafannoon isaa waa’ee mootummaa Masihii hunda’uu isaa kan inni dubbatu dhuufati isaa jalqabaa irratti (Dani’eel 2). Mootummaan kun yeroo baay’eedhaaf mootummaa Waaqayyo barabaraa wajjiin kan wal fakkaatuudha (Dani’eel 7). Kakuu Moofaa keessatti kan jiruu xiyyaafannoo mootummaa Waaqayyo bara baraa irratti. Ta’us muudamni mootummaa kanaa karaan ibsa isaa tajaajila Masihiiti (1 Qor. 15:26-27). Gaaffichi isa kam dhugaadha kan jedhu miti, lachuun isaa dhugaadha, haa ta’uu malee gaaffichii xiyyaafannoon kan jiruu eessa irratti? Kan jedhuudha. Hiiktoonni tokko tokkoo waggaa kumaa mo’uu Masihii irratti baay’ee kan xiyyaaftaan (Mul’ata 20). Dhufuu isaani irraa kan ka’ee xiyyaafannoon Macaafa Qulqulluu kan ta’ee kan bara bara mo’uu Waaqayyoo akka dogogoraan isaan godheera jechuun in danda’ama. Mo’ichii Waaqayyoo wanta dhufuuf dursa haalaati. Kan lamaanuu dhuufaatiin Kiristoos kan Kakuu Moofaaa ifa ta’uu yoo baatees lamaan isaa garuu kan Masihii mo’icha yeroodhaaf miti. Lalabi Yesuusiif barsiisi xiyyaafannoon guddaan mootummaa Waaqayyooti kun kan amma (fayinnaa fi tajaajila) fi guutumma gara fuula duraatii fi humna. Mul’atichi kan xiyyaafatuu bittaa waggaa kumaa MAsihii irratti yoo ta’ee (Mul’ata 20) dursa haalatti malee raawwatamiti (Mul’ata 21-22). Kan Kakuu Moofaa bittaan yeroo waa’een barbaachisaa ta’uu isaa ifatti hin teenye, ta’uus Danii’eel 7 bittaan Masihii kan bara baraa malee kan yeroo miti.

**Falmii jahaffaa** (fiixee irra kan jiruu deebiin Kiristoos deebii lammaaffaa isaa yoo turee wajjiin

(*Parousia*)

Amantooni baay'een Yesuus yeroo dhi'ootti akka tasaa akkasumasutuu hin eegamiin akka dhufuu barrata turaniiru (Mat 10:23, 24:27, 34, 44, Mar 9:1, 13:30) haa ta'uu malee eegduun hundumtu dhaloota amantoota haga ammaatti dogogoraa turaniiru. Deebiin ariiti Yesuus dhaloota hundumaatiif abdii guddaadha. Haa ta'uu malee dhugaan tokkoo (kunnis waan tokko rakkina fudhachuudhaaf). Amantootni yeroo jiraatan Kiristoos bor dhufa jedhani yaadu qabu, haa ta'uu malee tarii yoo turee dirqama guddaa karoorsuuf raawwachuu qabu (Mat 28:19-20). Wangeella keessatti fuula murta'aan irratti (Mar 13:10, Luk 17:2, 18:8) akkasumas 1 fi 2 Tessoolonqee kan turee deebii lamaa irratti kan hunda'anidha (Si'oo). Jalqaba raawwatamuu kan qaban haali seena jiru.

1. Sochi lalaba Wangeella biyyoolleessa (Matihoo 24:15, Mar 13:10).
2. "Nama cubbamaa" mul'achuu (Mat 24:15, 2 Tesseellonqe2, Mul'ataa 13)
3. Rakkina guddaa (Mat 24:21, 24, Mul'ata 13) akeeka kan qabuu bittaacha itti galuun jira (Mat 24:45-51, Mar 13:32-36) harii isa dhumaa akka ta'ee yaadun jiraadhu, haa ta'uu malee gara fuula duraatti tajaajilli Wangeela karoorsuudhaa fi leenjisuu qabda.

**Walsimuu isaa fi waliqixxaachuu**

Jedhamuu kan qabu yaadi rimeen kan bara dhumaa kan ammayyaa addaa addaa hiikitoonni barsiisa hundumaa dhugaa hir'uu kan qabatee dha. Isaan barreefama tokko tokko gaarii godhee ibsa, hin hiika. Rikkini isa kan inni irra bu'u kan hinjijjiramnee fi madaallii irrattii dha. Yeroo hundumaa dursa tilmaamaa qinda'uu qabata, barrefam macaafa qulqulluu kan fayyadu, qinda'ina dursaa caafama kan Waaqayyoo guutuuf.Loojikiin Macaafni qulqulluun, macaafa Seenaa Baraa , akkatee bara dhumaaa Og-waaqummaa hin qabu. Inni akka qabduu footoo maatiiti. Footoon sun dhugaa dha, haata'u malee yeroo hundumaa seeraan, qabiyyeen, loojikii duraa boodaan miti. Footoon tokko tokkoo footoo sana kan baatu irrati kufeera akkasumas miseensi maatii dhaloota boodaa akkamitti deebisani akka kaa'aan sirritti hin beekan. Mul'ataa akka ta'utti hiikuudhaaf furtuun isaa yaada barreessaa jalqabaati share filannoo barreefamichaa irratti kan ibsan. Hiktootni baay'een meeshaa hiikaa heeddu fi galumsa fayyadamuu barbaadu, sharbee kakuu haaraa kan biraa irraa, gara hiikuu mul'ata mataa isaaniiti. Isaanis kakuu moofaa irratti xiyyaafatu, barumsa Yesusii fi Phaawulos caasefama og-Waaqummaa akka qindeesaniif gochuu caalaa mul'ata akka ibsu gochuu irratti.

Fudhachuun kan narra jiru yaada bal'aa kanaa mul'ata irra kanan godhu sodaadhaa fof-eegannoodhaan, Mul. 22:18-19 irratti kan jiru abaarsa osoo hin taane, haa ta'u malee hiika kitaaba kanaa irratti sadarkaa dhiibbaa jiruu dha, akkasumas saba Waaqayyoo didduu itti fufaa kan jiru. Mul'ata Waaqayyoo nan jaalladha. Inni dhugaadha, namoonni hunduu soboo yoo ta'an (Rome. 3:4)! Adaraa keessan yaada bal'aa kana akka yaallii kaka'umsa yaadaatti itti fayyadamaa, akka murtootti osoo hin taane, akka mallattoo gabatee guraacaatti maalee akka kaartaa karaatti osoo hin taane "yoo ta'ees" malee, "Gooftaan akkas jedheera" osoo hin taane. Ani fuulaa fuulaatan dhufe, ga'umsa guutuu kan hin taane ofuma kooti, fi ajandaa og-waaqummaa wajjin. Hiiktoota kan biro ilaaleera. Innis guutuu guutuuti osoo hin taane namoota kana fakkaatan mul'ata irratti argachuu kan barbaadan akka argataniif. Sharbee akka malee faayidaa irra oolchuudhaaf of kan kenned ha! Ta'us, inni kitaaba qulqulluu irra kan jiru kaayyoo dha. Inni akka guduunfaatti "jecha" ta'uun isaa akka tasaa miti. Inni Waaqayyo irraa ergaa qaba, ijoollee isaatiif, tokkoon tokkoonii fi dhaloota hundumaaf. Waaqayyo akka hubatu barbaada! Harka wal ha qabanu, naannoof hinaafu dhiifne, ifaa fi gidduu galeessa kan ta'e haa jabeesinu, dhugaa ta'uu danda'aa, ta'us kan inni jedhu hundumaa osoo hin taane. Waaqayyo hunduma keenya haa gargaaru.

## MACAAFA FAARFANNAA: 37:1-6

**1 Warra waan jal'aa hojjetanitti hin aarin.**
**Waan isaan hamaa godhanii argatanittis**
**Hin hinaafin*!**
**2 Isaan akka margaatti dafanii in coolligu;**
**Akka biqiltuu misee goguuttis in golgolaa'u*.**
**3 Waaqayyn amanadhu, wanta gaarii ta'e**
**Hojjedhu, biyyuma keessa nagaadhaan taa'I,**
**Amanamummaas eeggadhu!**
**4 Waaqayyotti gammachuu qabaadhu! Inni immoo**
**Kadhata garaa kee siif in kenna*.**
**5 Karaa kee Waaqayyotti kennadhu, isa amanadhu!**
**Innis siif in raawwata*.**
**6 Inni qajeelummaa kee akka ifaatti, dhugaa kees**
**Akka aduu saafaatti, bakkeetti in baasa*.**

**37:1-6** anguun kun IMPERATIVES torbaa fi JUSSIVES sadii qabu. Isaan kun kadhata miti, ta'us garuu of-eeggachiisa amanamaa malee /jechuun, maal gochuu fi maal gochuu dhiisuu/.

1. Hin hinaafiin - BDB 354, KB 351, *Hithpael* JUSSIVE, bifa wal fakkaataa lak. 7;8 wajjin, Fak. 24:19 ilaali, dubbin isaa kan jedhu "itti fufuu" yookaan "boba'uu" dha, kanaaf fakiduudhaaf faayidaa irra kan oolu dheekamsaaf, asitti "Hinaafuu" wajjin mirree ta'eera, (BDB 888)
2. Hinhinaafiin - BDB 888, KB 1109, *Piel* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole Faru. 73:3, Fak. 3:31, 23:17, 24:1, 19

Jireenya cubbammaa mijaa'aa fi gammadaa fakkaata, garuu yeroo gababaaf kan turuu dha, dhuma isaanitti biyyatti abdii sana hin dhaalan.

1. Isaan akka margaa dafanii gogu -BDB 576, KB 593, *Qal* IMPERFECT, Iyoob 14:2, Faru. 90:5-6, 103:15-16, Isa. 40:6-8
2. Isaan akka baala lalisaa dafanii ni arca'uu - BDB 615, KB 663, *Qal* IMPERFECT Amantii kan hin qabne milkaa'ina yeroo gababaa wajjin, duuka buutonni amanamoon gochuun kan isaan irra jiraatu, (37:3-5, xiyyaafanoo 7 /torba/ qabuu)
   1. YHWH amanachuudhaan - BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERATIVE,, Lak. 3, 5, Faru. 52:8, 62:8, Faru. 3:5-6
   2. Waan gaarii hojjechuu - BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERATIVE,
   3. Biyya lafaa irra jiraachuu - BDB 1014, KB 1496, *Qal* IMPERATIVE,
   4. Amanamummaa guddisuu-BDB 944, KB 1258, *Qal* IMPERATIVE,
   5. YHWHtti gammadduu- BDB 772, KB 851, *Hithpael* IMPERATIVE (jechuun, sooroma fooniitiin osoo hintaane)
   6. Karaakee galfata kennadhu (mata duree addaa ilaali Faru. 1:2 iratti) YHWH-BDB 164, KB 193, *Qal* IMPERATIVE
   7. Isa amanadhu- BDB Lak. 1 wajjin kan wal-fakkaatu

YHWH ni raawwata

1. Ni kennaa-BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT) duuka buutuu amanamaaf (fedha hawwii gamnaa," lak. 4
2. "Innis ni godha" (BDB 793, KB 889 *Qal* IMPERFECT), lak. 5
3. Innis tola akka ifaatti fida

4. Innis murtoo akka ifaatti as baasa /lak. 3 fi lak. 4 wal cinaa dha kan inni argisiisuus dhimma mana murtooti yookaan fakiduu murtoo bara dhumaa/

**37:4b** kan akka kanaa ciigoon hololoo anaaf dhuunfaatti yeroo hundumaa baay'ee kan jedhu qaba, garuu ani isa sirriitti hiikuun koo amansiisaa miti. Ani kana yeroo hundumaa kanan fayyadamu mirkanneefachuuf, nuun duuka buutota amanammoo yoo taane waan sirrii akka hawwinuu dha, YHWH kan garaa keenyaa waan nutti himeef (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:26-27). Garuu dhugummatti kan inni argisiisu kadhata duuka buutuu amanamaa deebii'eedha (Faru. 20:4-5, 21:2, 145:19, Matt. 7:7-8). Dhimmi og-Waaqummaa olaantummaa Waaqayyoo fi fedhi bilisaa namootaa gidduu galuu dha (mata-duree addaa ilaali Faru. 25:12 irratti, NIDOTTE, adeessa 3, fuula 444). Yeroo tokko tokkoo of eeganaadhaan kan hojjetamu hiiki lallaba gaarii argamsiisa!

## MACAAFA FAARFANNAA: 37:7-11

**7 Waaqayyo duratti gab jedhi, obsaanis isa**
**Eeggadhu, nama karaa isaa wal qixxeeffatetti,**
**Nama wanta hamaa koratee fiixaan baafatettis hin aarin!**
**8 Dheekamuu ieea of dhowwi, banbanuus dhiisi,**
**Inni hamaa hejjechuu duwwaatti waan si**
**Geessuuf hin aariin!**
**9 Warri jal'oonni lafa irraa in balleeffamu,**
**Warri Waaqayyoon eeggatan garuu lafa in qabaatu.**
**10 Inni jal'aan yeroo xiqqoo booddee**
**Achitti hin argamu, iddoo inni turee**
**Hubattee yoo ilaalte, inni hin jiru.**
**11 Warri garraamonni garuu lafa in qabatu,**
**Isaanis nagaa guutuutti jiraachuu isaaniitiin**
**Sonaan in gammadu*.**

**37:7-11** anguun kun kan itti fufuu dha.

1. Of-eeggachiisa amanamaadhaaf
   a. Waaqayyootti boqodhuu - BDB 198, KB 226, *Qal* IMPERATIVE
   b. Isa obsaan eegi -BDB 296, KB 297 *Hithpolel* IMPERATIVE (jechuun, Yaahiwween yeroodhaa fis ta'ee dhumaaf akka hojjetu)
   c. Hin hinaafiin - 37:1 wajjin wal fakkaataa
   d. Dheekamsa irraa fagaadhu - BDB 951, KB 1276, *Hiphil* IMPERATIVE (jechuun, ofii keeti ijaa ba'uu hin yaaliin)
   e. Qabeenyas dhiisi - BDB 736, KB 806, *Qal* IMPERATIVE
   f. Hin hinaafiin - 37:1, 7 wajjin wal fakkaata
2. Amantii maleessa carraa amansiisaa irraa kan ka'e
   a. Badhaadhinnii isaa ni cita (jechuun, du'a)
   b. Hamaan bakka tokko iyyuu hin qabaatu/akka illillii lafa gamoojjii, osoo hin yaadamin
3. Kanaaf, inni amanamaan (jechuun, YHWH obsaan kan eegan, lak. 9b)
   a. Lafa dhaalu, 37:9, 11, 22, 29, 34, yaadannoo d irra jiru ilaali qabiyyee barreefamaa irratti, fi mata-duree addaa Faru. 1:2)
   b. Badhaadhina irraa hafaatti gammadu

**37:7 "Obsaan eegi"** MT gocha qaba (BDB 296 I, KB 297), akkuma jirutti "shubisuu" "utaaluu" of irra naannaa'uu" (jechuun, yeroo dhiphinaatti). Innis faayidaa irra kan oole "eeguu" bifa jedhuun Iyoob 35:14 irratti (Poleel). As qofatti Faru. 37:7 irratti (Hizpolel) "obsaan eeguu" kan jedhu. Kana irraa kan ka'e kitaabni qulqulluun NET (fuula 895, lak. 9) sirreefama kan dhi'eessu, hundee Ibirootaa addaa (jechuun,חיל irraa יחל gara BDB 403, *Hiphil*).

**37:8** Asitti irra deebiin xiyyaafanaan kakuu moofaa jira, olaantummaa Waaqayyootii fi dursa beekuu, (37:23). Seenaan hunduu fuula isaa jira. Duuka buutootni amanamoon ni amanamu

1. Kan darbee dhiifama gochuu
2. Humna ammaa hidhachuu
3. Fayyummaan isaa gara fuul duraa eegamuu

**37:10 "Yeroo muraasa booda"** jechi Ibirootaa kun nuura dha duraan kirstaanoota murtaa'aniif. Yaahiwween yeroowwan ni to'ata. Karoora, kaayyoo, fi bu'aa sirrii qaba. Tolii kan xumuraa mo'icha kan argate ta'a, Kanaaf cubbuudhaaf saaxilama, itti murteefama, ni bada (37:13)!

**37:11 "Gaaramoonni lafa in dhaalu"** kun Yesuusin ibsameera, lallaba gaara irraa Mat. 5:5 (LXX), achitis "lafa" gara "dachee" kan jijjirame /akkaataa haala barreefamaa ilaali/.

## MACAAFA FAARFANNAA: 37፡12-15

**12 Namni jal'aan nama qajeelatti in mala,**
**Ittis in cininnata;**
**13 Guyyaan namicha hamaa akka dhi'aate**
**Waan arguuf, gooftichi namichatti in kolfa.**
**14 Warri jal'oonni, nama gadadamaa fi dhabaa**
**Lafaan dha'uudhaaf, warra karaa qajeelaa irra**
**Jiranis ajjeesuudhaaf billaa isaanii in luqqifatu,**
**Iddaa isaaniis in dabsatu.**
**15 Billaan isaanii garaadhuma isaanitti**
**Gala, iddaan isaaniis in caccaba.**

**37:12-15** gochawwan cubbamootaa amanamoo irratti fi deebii YHWH

1. Cubbammaa
   a. Qajeelaa irratti hameenya godhame
   b. Irratti qaratu /hilkaan isaanii/ isaan /isa irratti/, Iyoob 16:9, Faru. 35:11, Faru. Erm. 2:16, HoE. 7:54
   c. Billaa isaanii luqifatan
   d. Kiyyoo isaanii diriirsan
      (1) Hiyyeessa gatuuf jecha
      (2) Rakkataa gatuuf jecha
      (3) Qajeeloota waranuuf
2. Deebiin YHWH
   a. Itti kolfa/ isaanitti kolfa, Faru. 2:4, 59:9
   b. Guyyicha /guyyaa isaanii/ jechuun, murtoo isaanii/ ga'uu isaa beekaniiru, lammanuu, kan yeroos ta'e kan raawwataa
   c. Billaan isaanii ni cabba/YHWHdhaan kan gala gale/
   d. Kiyyoon isaa ni caba /YHWHn kan gala gale/

## MACAAFA FAARFANNAA: 37:16-22

**16 Qabeenya guddaa jal'oonni qaban irra,**
**Qabeenya xinnaa namni qajeelaan qabu wayya*.**
**17 Irreen jal'ootaa in caccaba, warra qajeelota garuu**
**Waaqayyo qabaa isaa keessatti in eega.**
**18 Waaqayyo bara jireenya warra balleessaa hin**
**Qabnee beekee, yaada jaalalaatiin duukaa in bu'a,**
**Wanti isaan itti darbanii argachuuf jiranis**
**Kan isaanii ta'ee in hafa*;**
**19 Bara gadheetti hin yeella'an, bara beelaattis**
**In quufu*.**
**20 Warri jal'oonni garuu badduu in ba'u;**
**Diinoonni Waaqayyoo akka miidhagina margaa ti,**
**Akkuma aarii badu, isaanis in badu.**
**21 Namni jal'aan in liqeeffata, danda'ee hin baasus;**
**Namni qajeelaan immoo arjaa dha, waan kennus qaba.**
**22 Warri Waaqayyo eebbise lafa hin qabatu; warri inni**
**Abaare immoo lafa irraa in balleeffamu.**

**37:16-22** anguun kun duraa fi aantee dhiibbaa /walcinummaa dhiibbaa/

1. Lakkoofsa 16
   a. Qaajellummaan muraasa wayya (Fak. 15:16-17, 16:8, 28:6, kun madaallii og-Waaqummaati, kan 37:25)
   b. Cubbammaan yoo jiraate (jechuun, badhaadhina cubbamaa hin hinaafiin, 37:1-2)
2. Lakkoofsa 17
   a. Hirreen warra hamootaa ni caba
   b. YHWHn qajeelina deggera
3. Lak. 18-20
   a. Qulqulluu, lak. 18-19
      (1) YHWHn guyyoota isaanii beeka
      (2) Dhaalli isaanis kan bara baraati
      (3) Bara hamaattis hin yeella'u
      (4) Yeroo beellattis in quufuu
   b. cubbamoota
      (1) ni balleefamu
      (2) ni balleefamu (MT amansiisummaa hin qabu, akkaataa haala barreefamaa ni ibsa, akka illillii birraa, lak. 2)

4. lak. 21
   a. cubbamaan ni liqeefata hin kaffalu
   b. qajeelaan garuu gaara laafas ni kennas
5. lak. 22

a. YHWHdhaan kan eebbifaman
b. YHWHdhaan kan abaaraman ni balleefamu

**MACAAFA FAARFANNAA: 37:23-26**

**23Ejjennaan namaa inni Waaqayyo jabeessu**
**Isa biraa in ka'a; karaan isaa sunis gooftaatti in tola.**
**24Waaqayyo harka isaa qabee waan isa eeguuf,**
**Inni yoo kufe iyyuu, lafa hin ga'u*.**
**25Dargagummaa argeera, dulluma biras ga'eera;**
**Garuu namni qajeelaan utuu gatamuu, ijoolleen isaas**
**Waan nyaatan dhabanii utuu kadhatanii ani takkaa argee**
**Hin beeku*.**
**26Inni yoom iyyuu in arjooma, in liqeessas,**
**Ijoolleen isaas eebbaaf in ta'u.**

**37:23-26** Aanguun kun kan inni ibsu duuka buu'a /buu'oota/ dha.

1. Adeemsa isaa/isheen YHWHdhaan kan jabaatedha
2. YHWH karaa isaan/isheetti ni gammada
3. Yeroo inni/isheen kufaniitti
   a. Naasuudhaan hin gataman /jechuun, fakiiduu badiisaa/
   b. YHWHn harka isaa/ishee waan qabuuf (qulqulluun yeroo dhaa gara yerootti dadhabuu danda'u, YHWHn garuu akkas miti)
4. Faarfattichi (yaalii shaakala jireenyaan) qajeelaan yeroo gatamuu raawwatee ilaalee hin beeku
5. Faarfattichi sanyiin isaanii miidhaan yeroo kadhatuu argee hin beeku
6. Inni/isheen ni kennaa ni liqqeesas
7. Sanyiin isaa/ishee ni eebbifama

**37:25** Kun yaada Yihuudiiti, kakuu Musee irratti hirkachuudhaan (Lewoota 26, Kes. 27-30). Kana jechuun har'a ni hiikama jechuu miti, hiyyeesotaa fi rakkatoota hunduu amantoota ta'u akka hin dandeenye, kakuun isaa jijjirameera, akkaataan haala barreefamichaa d ilaali. Ibsa gabaabaa fooyya'aa, lakkoofsa kanaaf, jechamoota cimoo kitaaba qulqulluu ilaali, fuula 267-268.

**MACAAFA FAARFANNAA: 37:27-34**

**27Wanta hamaa irraa fagaadhu, wanta gaarii**
**Hojjedhu! Yoos bara baraan nagaatti in teessa.**
**28Waaqayyo waan dhugaa ta'ee in jaallata,**
**Warra isaaf of kennanis hin gatu; isaan**
**Bara baraan in eegamu, ijoolleen jal'ootaa**
**Immoo lafa irraa in balleeffamu. Warri qajeelootni**
**Lafa in qabaatu, yeroo hundumaafis keessa in taa'u*.**
**30Afaan nama qajeelaa ogummaadhaan in dubbata,**
**Arrabni isaas waan dhugaa ta'ee in hima,**
**31Seerri Waaqayyo isaatii garaa isaa keessa jira,**
**Faanni isaas isa irraa hin mittiqu.**
**32Namni jal'aan riphee nama qajeelaa in eeggata,**
**Isa ajjeesuus in barbaada.**
**33Waaqayyo garuu harka isaatti isa hin kennu,**
**Yemmuu namni itti faraduuf jedhus**
**Yakka itti hin mursiisu.**

> **34 Waaqayyoon abdiidhaan eeggadhu, karaa isaa**
> **Irraa akka hin jal'annes eeggadhu!**
> **Biyya akka qabaattuuf ulfina siif in kenna,**
> **Lafa irraa balleeffamuu warra jal'ootaas**
> **Argitee in gammadda.**

**37:27-34** Aanguun kun, akka lak. 1-6 IMPERATIVES heedduu qabu (6) amanamaa kan of-eegachiisan. Kun anguu kan biraa dha, gochawwan duuka buutoota amanammoo kan ibsan.

1. Of-eeggachisawwan (jechuun, IMPERATIVES)
   a. Hamaa irraa fagaadhu, lak. 27 - BDB 693, KB 747, *Qal* IMPERATIVE
   b. Gaarii godhi, V. 27-BDB 693, KB 747*Qal* IMPERATIVE
   c. Bara baraan jiraatta BDB 1014, KB 1496, *Qal* IMPERATIVE, 37:18, 29
   d. YHWH eegu, lak. 34- BDB 875, KB 1082, *Piel* IMPERATIVE, 37:9
   e. Karaa isaa eeguu, lak. 34 - BDB 1036, KB 1581, *Qal* IMPERATIVE
2. Sababawwan of eeggachiisaa
   a. YHWHn haqa jaallata
   b. YHWHn warra kan isaa ta'an hin dhiisu
   c. Isaanis bara baraan ni eegamu
   d. Isaan lafa ni dhaalu
   e. Laficha irras bara baraan ni jiraatu
   f. Isaan ogummaa/haqa dubbatu
   g. Isaan/inni seera Waaqayyoo qabu gara isaanii/gara isaan
   h. Miilli isaa hin gufatu
   i. YHWHn hin dhiisuu/isin hin dhiisu
   j. Inni/isaan firdiidhaan hin komataman

Amana kakuu ta'un jireenya isa tokko, kan yaadaa fi kallatti abdii jijjira. Garaagarummaan guutuu ta'e jira duuka buutuu amanamaa fi nama amantii hin qabne gidduu. Amantii maleessaa ta'uu kan danda'u

1. Waaqa tolfamaa kan waaqqeessu
2. Nama kakuu hin aboomamne
3. Hojiidhaan nama waaqa- hin qabne
4. Duuka buutuu dhiibba'aa
5. Nama dureessa hamaa
6. Nama siyaasaa hin amanamne

Lakkoofsa 32 irratti inni/isheen kan isaan ibsaman akka (aanguu 35-40 ilaali)

1. Qajeelaa basaasa
2. Inni/isaan ajjeessuuf barbaada

**37:28 "Bara baraan isaan eega"** LXX kan jijjira gara "hamaa kan godhan ni ari'atamu." Kun kan inni ibsu caasefama qaxamuuraa eeguudhaaf dha (jechuun, ija) kanaaf wal cinaa wajjin wal sima. Pirojectiin barreefamaa UBS MTdhaaf sadarkaa "B" kennaas (shakkii muraasa).

1. MT -נשמרו
2. LXX- נשדו (NEB, NJB, REB)

**37:31 "Seera Waaqayyo"** jechi kun (BDB 435) jecha baay'ee keessaa isa tokkooffaa dha, YHWH Israa'eeliif waan inni godhe ibsuudhaaf faayidaa irra kan oole/mata duree addaa ilaali Faru. 1:2).

▣ **"Garaa isaatti"** kun argamuu YHWH kan keessaa gochuu dha (jechuun, seera Waaqayyo laphee irratti kan barreefame) fi "kan kakuu haaraa" mallattoo, kan Erm. 31:34.

▣ **"Tarkaanfiin isaas hin guffatu"** akkaataan jireenya fakkiiduudhaan kan ibsame akka qajeelaatti, kan sirreefame, akka karaa gufuu hin qabneetti, karaa ifa ta'e (lak. 34A, "Karaa" yaadannoo ilaali, Faru. 1:1 irratti). Faallaa ta'uu kan danda'u

1. Tarkaanfiin isaa ni gufata
2. Dhoqee nama mucucaachisu
3. Kan nama gufachiisu

Kakuu haaraatti nuurii wal fakkaataan ni argama (jechuun, "adeemuu," Efe. 4:1, 17, 5:2, 15).

## MACAAFA FAARFANNAA: 37:35-40

**35 Nama jal'aa humnaan nama irratti ka'u ani argeera,**
**Inni akka muka lafti itti tolee dagaagaa ta'e;**
**36 Ergasii yeroon achiin darbutti, ilaalee nan dhabe;**
**Ani isa nan barbaade, inni immoo hin argamne.**
**37 Nama hir'ina hin qabne caqasi, nama yaada qajeelaa ilaali!**
**Qacceen nama nagaa hin badu.**
**38 Warri irra-daddarbituun garuu wal duukaa in duguugamu,**
**Qacceen warra jal'ootaas lafa irraa in balleeffamu.**
**39 Fureen qajeelotaa Waaqayyoo biraa in dhufa,**
**Waaqayyo yeroo rakkinaatti da'oo isaanii ti;**
**40 Waaqayyo in gargaara, isaan in oolchas; waan isaan**
**Kooluu isatti galaniif, inni harka warra jal'ootaa**
**Duraa oolchee isaan in fura*.**

**37:35-40** Aanguun kun qajeelaa fi nama cubbammaa gidduu dhiibbaa jiru walitti qabata.

1. Cubbammaa
   a. Jal'aa ("waan nama sodaachiisuun kan jeequ," BDB 792)
   b. Babal'isuu (ariitiidhaan, BDB 947) human dhiibbaa fi bal'inni isaa akka muka itti tolee lafa irratti (MT amansiisaa miti)
   c. Barri isaa daangeefameera, isa booda ammam hin jiraatu
   d. Inni/isaan sanyii isaanii wajjin ni badu (yaadannoo kana gadii lak. 2 c ilaali)
2. Qajeelaa
   a. Ni ilaalata ("Ni eega") nama qajeelaa (mata duree addaa ilaali Faru. 18:20-24 - BDB 1036, KB 1581, *Qal* IMPERATIVE
   b. Kunoo qajeelaan - BDB 90, KB 1157, *Qal* IMPERATIVE
   c. Sanyiin nama nagaa ni jiraataa (jiraanyaa boodaanis ta'e ijoolleen)
   d. YHWHdhaan fayyeera
   e. YHWHn human isaanitti yeroo rakkinaatti
   f. YHWH isaan gargaara
   g. YHWHn isaan oolcha

Kun hunduu kan inni ta'uuf isatti waan amananiif

### GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktitti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaan kun faarfannaa 49 fi 73, fi kitaaba Iyoob wajjin akkamitti walitti dhufa?
2. Namoonni akka margaa fi illilliitti maaliif ibsaman?
3. “amanachuu” jechi jedhu hundeen jechaa isaa maalii dha fi jireenya keenyaaf bu’aan inni qabu maalii dhaa?
4. Ergaan giddu-galeessa faarfannaa kanaa maal?
5. Lakkoofsi 16 fi 24 kan hagana madaallii bu’a qabeessa kan ta’aniif maaliif, ogummaa aadaa kakuu moofaatiif?
6. Faarfannaan kun waa’ee yeroo yookaan firdii raawwataa barsiisaa? Maaliif?

# FAARFANNAA 38

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhata qalbii jijjiiratu<br><u>Seensa MT kan qabu</u><br>Faarsaa Dawiit yadannoof" | Yeroo ifannaa kadhata | Fayyuuf kadhata yeroo dhukkubaa (waawata) | Kadhaata nama rakkina fudhatuuf | Kadhata yeroo rakkina |
| | 38:1-2 | 38:1-2 | 38:1-2 | 38:1-3 |
| 38:1-8 | 38:3-5 | 38:3-4 | 38:3-4 | |
| | | | | 38:4-6 |
| | | 38:5-6 | 38:5-8 | |
| | 38:6-8 | | | |
| | | 38:7-8 | | 38:7-8 |
| | 38:9-10 | 38:9-11 | 38:9-12 | 38:9-10 |
| 38:9-12 | 38:11-12 | | | 38:11-12 |
| | | 38:12 | | |
| | 38:13-14 | 38:13-14 | 38:13-14 | 38:13-14 |
| 38:13-22 | 38:15-20 | 38:15-16 | 38:15-17 | 38:15-16 |
| | | 38:17-20 | | 38:17-18 |
| | | | 38:18-20 | |
| | | | | 38:19-20 |
| | 38:21-22 | 38:21-22 | 38:21-22 | 38:21-22 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun baay'inaan waan kan walinii ta'e qaba, faarfannaa 32 fi 51 wajjin.

B. Yaada Yihudootaan cubbuu fi dhukkubni walitti dhufeenya qaba. Cubbuu himachuu, kadhata deebii argatu argamsiisa akkasumas kan sammuu, hafuuraa, fi hareefamuu qaamaa.
Tokko kan eeraman rakkina qaamaa hundumaa ilaaluuf, baay'inaan amalli isaa dhukkuba wajjin wal qabata. Isaan tarii fakkeenya ta'uu danda'u (Isa. 1:5-6). Akkas yoo ta'e, xiyyaafannoon faarfannichaa fayyina foonii miti, dhiifama cubbuu malee!

C. Baay'een isaanii faarfannawwan akka ta'an, walitti dhufeenyi isaa
   1. Rakkinawwan foonii

2. Miidhaa dinootaa
3. Hiriyaan nama dhiisuu
   Gidduu kan jiruu ta'u isaa amansiisaa miti. Isaan hunduu wal qabatu, akkamitti akka ta'e garuu icciiti dha. Isaan akkuma jirutti yookaan fakkeennoowwan isaanii, cubbuudhaaf faayidaa hawaasaati?

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 38:1-8

**1Yaa Waaqayyo, aarii keetiin ana hin ifatin,**
**Dheekkamsa keetiinis ana hin adabin!**
**2Xiyyooliin kee gad fageessanii na waraananiiru,**
**Harki kees anatti in ulfaate*.**
**3Sababa dheekamsa keetiif foon koo bututeera,**
**Sababii cubbuu kootiifis lafeewwan koo fayyaa hin qaban.**
**4Irra-daddarbaan koo mataa koo irra ol darbeera,**
**Miijanni isaas ba'aa ani baachuu hin dandeenye ta'ee**
**Anatti ulfaateera*.**
**5Sababa ani gowwoomfameef, madaan koo**
**foolii foolii jedhee, in mala'es.**
**6Ani goopha'ee, raawwadhees walittan cabe,**
**Guyyaa guutuus boo'aa nan naanna'a.**
**7Mudhiin koo guutummaan isaa na guba,**
**Dhagni koos fayyaa hin qabu.**
**8Humni koo na bushaa'e, raawwadhees nan**
**Caccabe, yaadni koo dhiphatee sababiin**
**Aaduufis nan iyya.**

**38:1-8** Hiikoonni inglliffaa baay'een isaa kutaa kana gara aanguu baay'eetti hir'eera. Ramaddiin anguu dhimma akkaataa barreefamichaa miti. Inni kan tilmaamaati, yaadaan liqimfamuu osoo hin taane.
Faarfattichi haalaa fi miira keessa jiru ni ibsa.

1. YHWH gammachiisuu dhiisuu isaa hubateera
   a. Dheekamsa keen na hin dha'in - BDB 406, KB 410, *Hiphil* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole Faru. 6:1
   b. Dha'icha keetiin na hin hifatin - BDB 415, KB 418, *Hiphil* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, gochamni kun yeroo hundaa faayidaa irra kan inni oolu kakuu cabsuudhaan (Lew. 26:18, 28, Faru. 6:1, 39:11, 94:10, 118:18, Hose. 10:10)
2. Adabbiin Yaahiwwee itti dhagaa'ameera
   a. Xiyyawwan isaa na waraanteetta, Kes. 32:23, Iyoob 6:4, Faru. 7:12-13, 45:5
   b. Harka kees narratti jabeesiteeta, Faru. 32:4, 39:10 (gaaleewwan wal fakkaatoon hololoo lammaan irratti, garuu bifa adda addaatiin, BDB 639, KB 692
3. Bu'aa qaamaa Yaahiwwee gammachiisuu dhiisuu(sababa cubbuutiin, 38:3 B, 4, 5B)
   a. Fayyaa hin qabu (BDB 1022, Shaalom) foon koof
   b. Lafeewwan koos fayyaa hin qaban
   c. Madaan koos ("Mallattoo," BDB 289) ni ajaa'e (BDB 92, KB 107, *Hiphil* PERFECT) walitti utuu qabee (BDB 596, KB 583, *Qal* PERFECT)
   d. Ofan buuse ("goobachuu" BDB 730, KB 796, *Niphal* PERFECT, "qaana'uu," BDB 1005, KB 1458, *Qal* PERFECT, Faru. 35:14) gaddaan
   e. Garaan koo guutameeraa (BDB 569, KB 583 *Qal* PERFECT)) giimiidhaan

f. A irratti kan irra deebi'ame
g. Ni adoode (BDB 806, KB 916, *Niphal* PERFECT, "Ni dadhabe"
h. Ni rakkate (BDB 194, KB 221, *Niphal* PERFECT, *Piel*Faru. 51:8)
i. Nan hiyye (BDB 980, KB 1367, *Qal* PERFECT,, jechuun sagalee bineensaa)

Tarreefama gochawwan yeroo xumuramanii hubadhu. "Dheekamsa" Yaahiwwee (BDB 893) fi "Dha'icha" (BDB 409) (PERFECT TENSE VERBS) ta'eera kanaaf (kan xumuraman) ta'anii hafu! Haala sodaachiisa akkamiiti kan yaadaa fi foonii (38:4, 8B)!.

**38:4 "Ofii koo irratti"** gochamni kun (BDB 716, KB 778, *Qal* PERFECT) bishaaniif faayidaa irra kan inni oole.

1. Lolaan akka waraanaatti - Isa. 8:8, 23:10, Dan. 11:10, 40, Nahoom 1:8
2. Miirri - akkuma jirutti Isa. 54:9
3. Miirri - fakkiiduu rakkinootaa fi miiraati - Faru. 42:8, 88:16-17, 124:4-5

Irra daddarbii faarfatichaa sababa cubbuutiin haguugeera!

**38:5 "Ni torore"** gochamni kun (BDB 596, KB 628, *Niphal* PERFECT) Leewota 26 faayidaa irra kan oole, keeyata abaarsaa fi eebbaa, Kes. 27-28 irratti wal cina kan ta'e. innis "kan tortoree fi kan ajaa'ee" jedhame ibsama. (Lew. 26:39 [yeroo lama]). Cubbuun ni balleessa. Yeroo hundumaa karaa sodaachisa!

**38:6 "Boo'icha"** jechi kun hundee Ibirootaa irraati, "Dukkanaa'uu" (BDB 871). Innis ta'uu kan danda'u

1. Wayyaa guraachaa uffachuu, mallattoo gaddaaf
2. Biyyee mataa irratti naqachuu fi uffachuu, mallattoo gaddaaf
3. Garaaf, lubbuu, ciigoo haala yaadaa (asitti sababa cubbuu beekamaaf)

▣ **"Baay'ee gad deebi'an ni qaana'anis"** gochamoonni wal cinaa lama jiru.

1. Qaanaa'uu - BDB 730, KB 796, *Niphal* PERFECT innis argamuu kan danda'u akka:
   A. Waliin dha'amuu - Isa. 21:3
   B. Sammuun jeeqamuu -- 1Sam. 20:30, Fak. 12:8
   C. Akkuma jirutti - innis gochama wal cinaa wajjin kan wal simu
2. Gad deebi'uu - BDB 1005, KB 1458, *Qal* PERFECT, innis qaama goobate kan ilaalatu, akka fakkiiduu garaa gadi deebi'eeti

**38:7 "Lubbuu"** jechoonni baay'een kakuu moofaa irratti faayidaa irra kan oolan, guutuummaa qaamaa kan jeeqan.

1. Lubbuu - BDB 659, Neefish
2. Hafuura - BDB 924, Ruuh
3. Laphee - BDB 524, laphee
4. Kallee - BDB 480
5. As qofatti, garaa - BDB 492

Kan biroon baay'een jiru. Akkaataa haala barreefamichaa kan murteessuu, yaad-rimeen isaa maal jechuu akka ta'e. Kutaan qaamaa inni tokkoo kutaa qaamaa hundumaa bakka bu'a.

## MACAAFA FAARFANNAA: 38:9-12

**28Yaa Waaqayyo, wanta ani si biraa argachuu fedhu**
**Hundumaa situ beeka, hafuura dheeraa baafachuun**
**Koos si duraa hin dhokanne.**
**10Lapheen koo na dha'ate, humni koo in laafe,**
**Iji koos arguu in dhabe.**
**11Firoonni koo fi olloonni koo sababii dha'ichi anatti**
**Dhufeef ana irraa in baqatu, aantiin koos ana irraa**

**Fagaatanii in dhaabatu*.**
[12]**Warri jireenya koo balleessuu barbaadan kiyyoo**
**Isaanii diriirsan, warri miidhama koo barbaadanis**
**Na balleessuuf in mari'atu; guyyuma guutuus karaa**
**Sobaa itti yaadanii in qopheessu.**

**38:9-12** Aanguun kun immoo haala sodaachiisaa barreesichaa mul'isa.

1. Haala isaa
   a. Fedhii isaa (jechuun, kadhata isaa) YHWH fuulduratti (jechuun, waa'ee haraaraa fi waa'ee deebi'uu tokkummaa)
   b. Aaduun isaa fuula YHWH duratti beekameera, Faru. 31:10
2. Haala foonii isaa
   a. Garaan isaa na'eera - BDB 695, KB 749, *Niphal* PERFECT
   b. Humni isaa dadhabe - BDB 736, KB 806, *Qal* PERFECT
   c. Iji isaa ni dadhabe - gochamni hin jiru, kun jaamummaa bakka hin argisiisu, garuu fakkiiduu dha fayyummaa, gammachuu, waa'ee nagaa dhabuu Faru. 13:3 1Sam. 14:29, Izira 9:8
3. Wantoota namummaa wajjin dhimmoota adda addaa
   a. Firoonni fagaatanii yeroo dhaabbatan
   b. Hiri'oota fagaatanii dhaabbatan
   c. Firoota fagaatanii dhaabbatan
   d. Dinoota du'a isaa barbaadan
   1. Kiyyoo kaa'aaniiru
   2. Badiisaaf karaa qopheessuu
   3. Guyyaa hundumaa hameenya yaadu, gochamichi BDB 211, KB 237, "dhiphina" dha, faarfattichi "ni qorama" (BDB 980, lak. 8) hamaan garuu "Ni qopheessa" Fak. 24:2).

**38:11**

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **"dha'icha"** |
| **NRSV,JPSOA** | **"rakkina"** |
| **TEV** | **"madaa"** |
| **NJB** | **"dhukkuba"** |
| **REB** | **"dhukkubsataa"** |

Jechi isaa (BDB 619) hiiki isaa "rukkutaa/maddaa," "dha'icha," yookaan "mallattoo," jechuu dha.

1. Dha'icha - Uma. 12:17, Bau. 11:1, 1Mot. 8:37-38, 2Sen. 6:28-29, Faru. 39:10, 91:10
2. Qurcii - (bifa kakuu moofaatiin) - Lew. 13-13, Kes. 24:8
3. Madaa - Kes. 17:8, 21:5, Isa. 53:8
4. Adaba - (ijoolleedhaaf) - 2Sam. 7:14, Faru. 89:33, Fak.6:23

Jechoonni baay'een fayyadama baay'ee qabu yookaan immoo jechoota namoota beekuu fi itti fayyadamuu hin dandeenye ta'e. hiikaan gara akkaataa yaada barreefamichaa yeroo dhufuu isaan hiika isaan barbaachiisa, barreessan jalqabaa jechuu kan yaade, fi bara sanatti kan turan dhaggeefatoonni/dubbiftootni hubachuu kan danda'an. Akkaataan haala barreefamaa kun hafuuraa irraa kan kennamee dha, mul'ata fooniitiin, inni cubbuu namaa waan isa hin gammachiisneef. Adaba jechuun nama dhuunfaa gara amantiitti deebisuu dha. Lakkoofsa kana irratti wal cinaan kan inni ibsu adaba foonii kan argisiisan akka soodachiisuu dha, firoota dhi'oo dhaa fi firoota yoo ta'an illee.

Kanaaf, gara fillannootti dhufuu, wantootni baay'een irratti argamu

1. Ibsa qamaa akkamiiti?
2. Labsiin isaa maaliif?
3. Kan biroof dhi'oo kan ta'an deebiin isaa maaliif?
4. Innis kan fakkiiduutii yookaan kan akkuma jirrutti?

## MACAAFA FAARFANNAA: 38:13-22

**13Ani garuu akka nama duudaan ta'e, ani hin dhaga'u;**
**Ani akka nama arraba didaa isa afaan hin saaqqannee nan ta'e*.**
**14Ani akka nama gurri isaa hin dhageenyee, akka isa deebii**
**Anaaf hin laannee nan ta'e.**
**15Garuu ani abdiidhaan sin eeggadha yaa Waaqayyo, attoo**
**Deebii anaaf in laatta, yaa Waaqayyo gooftaako!**
**16Anoo, "Warri yeroo miilli koo bitintiru ana irratti of jajan,**
**Akka isaan anatti gammadan hin godhin!" jedhee sin kadhadha.**
**17Ammas ani kufuu ga'eera, dhukkubni koo inni na waraanus**
**Yeroo hundumaa anaa wajjin jira.**
**18Ani yakka koo nan himadha; cubbuu waanan hojjedheefis nan gadda*.**
**19Warri sababii malee dinoota anatti ta'an humna-qabeeyyii dha,**
**Warri karaa malee na jibbanis baay'ee dha.**
**20Ani isa gaarii duukaa waanan bu'uuf, warri qooda gaarii hamaa anaaf**
**Deebisan hamajaajii koo ti.**
**21Yaa Waaqayyo, ati ana hin gatin, yaa gooftaa ko, ati ana irraa**
**Hin fagaatin!**
**22Yaa gooftaa ko, fayyisaa ko, ati ana gargaaruudhaaf ariifadhu!**

**38:13-22** Aanguun kun haala yerichaatti wal makaa qaba (dhukkuba, dhiphina, madaa) fi abdii gara fuulduraa haraara Waaqa.

1. Rakkinawwan fooni kan yeroo
   a. Hin dhaga'u (jechuun, kolfa isaanii akka hin dhageenye fakkaata), lak. 13, Faru. 39:2,4
   b. Hin dubbatu (jechuun, deebii dinoota isaaf, Isa. 53:7), lak. 13B
   c. Gufachiisuuf kan dhi'aatee dha, lak. 16b-17a, fakkiidu rakkina, Kes. 32:35, karaan Waaqayyoo qajeelaa dha, kan sirreefame, guffannaa irraa kan qulqulla'e
   d. Yeroo hundumaa gaddaan fuula isaa dura (cubbuun isaa isa irratti ulfaateera), lak. 17b, Faru. 51:3
   e. Rakkina qofa, lak. 18
2. Dinnooni isaa isa miidhu, lak. 16, 19-20
   a. Isaan jabaachaa fi baay'aacha jiru, lak. 19a
   b. Akka malee jibbuu, lak. 19B
   c. Qooda gaarii hamaa deebisuuf, lak.20, Faru. 35:12, 109:5
   d. Isaan ittiin mormu, gaarii gochuu isaatiin, lak. 20B
3. Jaalala YHWHtiin, haraaraan, fi dhiifama amanachuu
   a. Abdii ("Eeguu," BDB 403, KB 407, *Hiphil* PERFECT) YHWHdhaan, lak. 15a, Iyoob 13:15, Faru. 31:24, 33:22, 39:7, 42:5, 11, 43:5
   b. YHWHn kadhata isaa akka deebisuuf amana lak. 15B
   c. Dinoonni akka isaaniif hin mijofne fi kufuu isaatti akka hin gammane amana lak. 16
   d. Ni kadhata (JUSSIVES lamaa fi IMPERATIVE tokko)
      1. Na hin dhiisin - BDB 736, KB 806, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Faru. 9:11, 71:9, 18, 94:14, 119:8, Isa. 49:14
      2. Ana irraa hin fagaatiin - BDB 934, KB1221, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Faru. 22:11; 19, 35:22, 71:12
      3. Ana gargaaruudhaaf ariifadhu - BDB 301, KB 300, *Qal* IMPERATIVE, Faru. 22:19b, 40:13, 70:1-5, 71:12, 141:1

**38:18** Kun furtuu og-Waaqummaati, faarfannaa kanaaf (Faru. 32:5). Qalbii jijjirannaa fida

1. Qalbii jijjirannaa YHWH irra (Faru. 51, 1Yoha. 1:9-2:1 irra yaadannoo jiru)
2. Qalbii jijjirannaan ofif
3. Miira tokkummaan deebi’u

Qalbii jijjirannaan beekamtii kenna

1. Cubbuun namaa seera Waaqayyoo cabsuu
2. Ammallii YHWH qalbi jijjirannaa fi haraaraaf

**38:19**
**NASB,NKJV "miciramummaa"**
**NRSV "sababamalee"**
**TEV "fayyummaa"**
**NJB,REB "sababamalee"**
**NET Kitaaba qulqulluu "sababa daangessu malee"**

MT “Jiraachuu” kan jedhu qaba (חיים, BDB 313), garuu hiikoonni ingilliffaa baay’een hundee isaa gara חנם fooyyesaniiru, BDB 336, Faru. 35:19: 69:4.kun kan hololoo itti fufuu wajjin wal sima, “Miciramummaadhaan na jibban” (BDB 1055).

**38:20 “Dinoota”** kun hundee Ibirootaati (BDB 966) isa irraa “sexana” jecha jedhu kan ittiin arganne.

## Mata duree addaa: Seexana

Sababa hedduu kaasuuf kun dhimma baay’ee ulfaataadha.

1. Kakuu Moofaan waaqimboo dina namaa (archenemy) haala gaariin hin bisu. Garuu tajaajilaa/hojjetaa YHWH kan filannoo dhala namaaf kennuu fi gocha sirrii hin taaneef kan himatudha.
2. Yaadni dhunfaa Waaqayyoottii diina guddaa ta’uu kan babal’ate gidduu galinsa hogbarruu Macaafa Qulqulluu (haala madaalli hin kaafneen (non canonical) dhibbaa amantii pershiyaatiiniii (*zoroostrianism*)dha. Kunis, buubatti deebi’ee, duree amantii biyohoo kan judizimii (Rabbinical judicism) jeeqeera.
3. Kakuu haaraan, ergaa guddaa Kakuu haaraa haala dinqisiifannaa ifa ta’een: garuu keessaa rammaddiiwwan isaa filatee

Yoo namni tokko qo’annoo jinnii/waan garaa/ (evil) ogummaa (perspective) barnoota Macaafa Quqlulluu (biblical theoloty) irrattii garga baasuuttii dhiyaatee (tokkoon tokkoon macaafootaa ykn barreessaa ykn haalli barreeffama hogbarruu isaa ni qoratee gargara baasee ni murteessaa kana booda ilaalchiwwan jinnii baay’een ni ibsamu.

Yoomillee yoo namni tokko qo’annoo jinnii obsa miti Macaafa Quqlulluu (non babilical) ykn Macaafa Qulqulluun ala kan ta’an amantiin Addunyaa ykn amantii gara bahaatti dhiyaate; guddinni kakuu haaraa hedduun amantii peershiyaa ‘dualism’ jedhuu fi ‘Greco Roman Spritism’ jedhuun haguugameera.

Yoo namni tokko dhugaadhumaan fudhatee, Aangoo humna Waaqayyoo of Macaafa Quqlulluu barreessuuf waadaa gale, kana booda guddinni Kakuu Haaraa akka Mul’ata babal’achaa deemuutti ilaalamuu qaba.

Kiristaanonni yaada wangeelaa hiikuuf aadaa Yihudootaa (Jewish folklore) ykn ogbarruu warraa dihaa kana (kana jechuun, Dante, Milton) fudhachuu dhiisuu irraa of dhorkuu/eeguu qabu.

Naannoo Mul’ata kanaa kan jiru, kan hiikni isaa shakkisiisaa ta’ee fi kan waan maddi isaa hin beektamne (mystery)dha. Kan Waaqayyo filates amaltoota jinnii (Afuura haamaa) (evil) madda isaa fi kaayyoo isaa ibsuu osoo hin taane, kufaatii isaa beeksisuudha. Kakuu Moofaa keessatti jechi seena ykn himataa jechu garee adda addaa sadii wajjiin wal qabatu fakkaata.

1. Himataa, Namaa (humna accuser) (Isam 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25, Far. 109:6)
2. Himataa Ergamaa (Angelic accuser) (Lakk. 22:22-23; Zak 3:1
3. Himataa Afuura hamaa/jinni (demonic accuser (1Sen 21:1; Mot. 22:21; Zat 13:2)

Bara giddugalaa ragaa (intertestament) booda bofti Uma 3 irra seexana wajjiin adda ba'ee ibsama (cf. "Book of Wisdom" 2:23-24; 2Henok 31:1, malee hanga ammaatti illee kan fialnnoo barsiisaa seera ta'e miti.(cf. Sot 96 fi Sanh 29a). "Ilmaan Waaqayyoo" kan Um 6 jedhu, 1Enoch 54:6 irratti ergamoota ta'aniiru,sirrummaa isaa gama barnoota amantiin (theologically) ibsuu koo miti, garuu guddina isaa agarsiisuudhaafaniiKakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen 2Qor 11:3; Mul 12:9 irrattii namummaa hamaa(i.e. Seexanaaf) gumaachaniiru/ibsuuf tajaajilaniiru.

Kakuu Moofaa irraa madde seexanaa murteessuun ilaalcha irratti hundaa'ee ulfaataa ykn kan hin danda'amnedha. Kanaafis sababa kan ta'u Waaqa Israa'el isa jabaa tokkichaa (Israal's strong monotheism)dha. (cf. 1Mot 22:20-22, Lall 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6). Sababoonni dhiyaatan hundinuu (all causality): Addummaa fi olaantummaa YHWH mirkaneessuu keessatti gumaacha godhaaniiru. (cf. Isa 43:11; 44:6,8,24; 45:5-6, 14,15,21,22)

Maddoonni ragaa ta'uu danda'an kan isaan xiyyeeffatan (1) Iyo 1-2, bakka sexanni "Ilmaan Waaqayyoo" keessaa tokko taatee ergamoota jechuudhaan dhiyaate. Ykn (2) Isa 14; His 7:28, bakka oftuultoonni mootummoolee gara bahaa 9baabiloonii fi xiiroos), olaantummaa/oftulummaa seexanaa argisiisuuf itti dhimma bahan. (cf. 1Xim. 3:6). Anis miira (emotion) waa'ee ilaalcha kanaa walmaksiiseera. Hisqeel akka seexanaatii His 28:12-16). Dhaaba Waaqayyoo Eden mootummaa Xiiroos qofa bakka buuse osoo hin taane mootummaa Gibxiifillee akka muka beekumsa gaariif yaraa (qoode evil) bakka buusee. (His 31). Kana ta'uyyuu, Isa 14, addummaan immoo Lakk 12:14 oftuulummaan ergamootaatiin akka mormu waan ibsu fakkaataa. Otoo Waaqayyoo adda baasee maddaa fi uumamaa seexanaa, nuuf ibsuu barbaadeera ta'ee kun daandii qaxaamuraa fi bakka ittii hojjetaan ta'ayyu nutis dirqama, toftaa kallattii waliigalaan waan xiqqoo barnoota amantii, qaama ulfaataa ragaa gara garaa (ambiguous testaments), barreesstootaa, kitaabolee, fi odeeffannoo mormuu irraa of eegannee akka hiphoo Waaqayyootti (divine puzzle) walsimsiisuu qabna.

"Alfred Edersheim" *(The life and Times of Jesus the Massial* Vol 2 appendices XIII (pp. 748-763)) jedhuuti, dureen "dualism" jedhamuu fi tumaama/yaada jennii 9demonic speculation) baay'ee jeeqamee ture.

Bakka kanatti barsiisonni (Rabbis) dhugaatiif madda sirrii miti. Iyyaasuusis battalumatti barsiisa manneen sagadaa warra hurrii ba'an (synagogue) irraa adda ba'e. Akka yaadutti; yaadni barsiisa ergamaan gidduu galuu fi seera tulluu siinaarratti Museetti kennameen mormuu ergama YHWHtti akkasumas dhala namaatti diina guddaa (archenemy) ta'uuf balbala baneera.

Waaqoolii gurguddoo lamaan Iraan (Zoroastrian)

'Alkimai fi Ormaza', gaarii fi garaa yaada barsiisaa kanaa amantii Yidhudootaa kan lamummaa 9dulaism of YHWH & Satan) daangeessu guddiseera. Akka guddina jinni (waan yaraatti (evil)

Kakuu Haaraa keessatti dhugaadhumaan mul'ata wlairraa hin icnneetu jira, garuu akka labsii barsiisotaatti kan of eeggannoon ibsame miti. Garaagarummaa kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u "lola samii keessaa" (War in heaven" kan jedhuudha. Kufaatiin seexanaa adeemsa barbaachisudha. Garuu murteewwan isaa hin kennamne. Wanti kennamellee hogbarruu balaa guddaa ibsan (2po. Calyptic gence) haguugameera) dhokateera. (cf. Mul 12:4,7,14-13). Ta'uuyyuu sexanni mo'amee gara lafaattis

darbatameera, hanga ammaattis akka hojjete YHWHtti tajaajilaa jira. (cf. Mat 4:7; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20) Nutis dirqama dharraa waa hubachuu keenyaa bakka kana keessatti to'achuu qabna. Humni nama qoruu tokkoo fi hamaa (evil) ta'e ni jira. Garuu hanga ammaatti Waaqa tokkichaa fi dhala namaa qofatu filannoo isaatiif deebii ta'a. Lollii afuuraas fayyina duraa fi booda ni jira, mo'ichi kan argamuu fi kan nama harka turu, Gargaarsa Waaqayyootiin qofadha. Jinnii/hafuurri hamaa mo'atamee jira, ni ba'a/ni gadhiisa.

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. YHWHn duuka buutota cubbamoota ni adaba, jireenya kanaan?
2. Lakkoofsa 4 cubbuu himachuu dhaa yookiis cubbamaa ta'uu nama hundaa karaa mirkaneessu, akkuma jirutti?
3. Rakkinawwan foonii tarreessi, cubbuu qalbi hin jijjirannee wajjin kan wal qabatu.
4. "Madaa" jecha jedhu lakkoofsa 11 irratti ibsi. Ibsi kee kan biroon isa irratti kan isaan qaban ejjeennoo ibsaa?
5. Kan "mucucaachuu miilaa"nuuri jedhu jireenya cubbuu wajjin akkamitti walitti dhufa?
6. Lakkoofsi 18 baay'ee faayida qabeessa kan inni ta'eef maaliif?

# FAARFANNAA 39

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waa'ee baasuu dadhabuu jireenyaa | Kadhanna dhiifamaa fi ogummaaf | Kadhata yeroo dhukkubaa (waawwata) | Dhaamsa nama rakkinaa | Wa'ee baasuu dadhabuu ilamaan namaa Waaqayyo |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Seensa MT kan qabu | | | | duratti |
| "angafa geggeessitootaa | 39:1-3 | | | |
| Edotayimiif faarsaa Daawiit" | | 39:1-6 | 39:1-4 | 39:1-2 |
| 39:1-6 | 39:4-6 | | | 39:3-4 |
| | | 39:7-10 | 39:5-6 | 39:5-6 |
| 39:7-11 | 39:7-11 | | 39:7-11 | 39:7-9 |
| | | 39:11 | | 39:10-11 |
| 39:12-13 | 39:12-13 | 39:12-13 | 39:12-13 | 39:12-13 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Jalqaba irratti faarfannaan kun nama rakkisa. Inni kan inni jalqabau tooftaa ogummaa uwwifameetiin, madaalliin isaa akka icciiti og-Waaqummaa, innis ala kan jiran qooduu/gargaaruu kan hin danda’amne (garuu ammas cubbamoota kan ta’an) amanamaan karaa Yaahiwwee wajjin deemuu irraa kan hafe, lak. 8.

B. Iciitti og-Waaqummaa fi gaaffiin jireenya namaa dhaabbataa ta’uu dhiisuu isaati. Mucaan namaa baay’ee dadhabaa, kan cabuu, kan yeroo, beekuu dhiisuu, fi yeroo hundumaas isa/ishee yaadni isaani wantoota dogogora ta’an irratti kan xiyyaafatanii dha (lak. 6, 11).

C. Faarfannaan kun karaa baay’eedhaan lallaba na yaadachiisa (jireenya akkasumanii, Waaqni keessa yoo hin jiraanne). Faarfattichi amala ofii isaa ibsa, karaa ajaa’ibsiisaan.
   1. Akka ormaatti, lak. 12
   2. Akka nama yeroo murtaa’eef mana irraa fagaatee, lak. 12

D. Lakkoofsa 13 anaaf amma iyyuu icciiti dha. Haalli kufaatti keenya dhugaa sodaachiisaa kan inni ta’u
   1. Waaqayyoon booji’amneera
   2. Qulqullummaan isaa nu sodaachiisa, gara boodaatti nu deebisa, hundumaa yeroo tokkootti! Walitti bu’iinsa sammuu amansiisaa ta’eetu jira, jijjirama haala namootaatiini fi bara barummaa Waaqa keenyaa gidduu, inni tokkummaadhaaf kan nu uume. Gammadoo ta’uu hin dandeenyu, isa osoo hin beekinii fi osoo hin jaallatin. Nuyi garu caboo fi kan yerooti. Inni muda maleessaa fi kan bara baraati.

## MACAAFA FAARFANNAA: 39:1-6

**1 Ani, "Arraba kootiin cubbuu akkan hin dubbanneetti,**
**Lafan dhaqu hundumaatti of nan eeggadha;**
**Hamma namni jal'an ana bira jirutti, akka ani hin dubbanne**
**Eeggachuufis afaan koo nan hin hidhan" jehe**
**2 Wanti gaariin ana irraa fagaate; Ani akka nama arrabni isaa**
**Didee nan ta'e waan tokkkos hin dubbanne;**
**Dhukkubni koo inni na waraanu garuu caalaa anatti hin dhaga'ame*.**
**3 Garaan koo na gubate, yaada koo keessattis ibiddi anatti in qabate,**
**Kana irratti arrabni koo in dubbate.**
**4 "Yaa Waaqayyo dhuma jireenya koo barri jireenya koos hammam**
**Akka ta'e na beeksis; attam ariifadhee darbuuf akkan jirus na barsiisi*.**
**5 Kunoo, ati bara koo hamma taakkuu goote, barri jireenya koos**
**Fuula kee duratti wayitti hin galtu; eeyyee, nama ta'ee kan argamu**
**Hundinuu akkuma qilleensa shuf jedhuu ti*.**
**6 Namni akkuma gaaddisaa in darba, Ofumaas in iyya;**
**Nanmi wal irra in tuula, abbaa fudhatus hin beeku*.**

**39:1-6** Cubbamoonni har'a qofaaf jiraatu, ofii isaaniif, duuka buutuu amanamaan garuu YHWH dhaaf akka jiraatuu fi akka dubbatu ni beeka. Ta'us, gargaarsa hafuuraan ala (Yohaannis 6:44; 65) cubbamoonni bira ga'uu hin danda'an

1. Haala hafuuraa fi foonii ofii isaati
2. Dhugaa Waaqayyoo

Isaan gaaffii dogoggoraa gaaffatu, kanaaf wantoota dogoggoraa irratti xiyyaafatu.

**39:1 "Nan eeggadha"** gochamicha hubadhu (BDB 1036, KB 1581, *Qal* COHORTATIVE) irra deebi'amuu isaa. Faarfattichi yaada isaa dubbachuun irra hin jiraatu, waa'ee jireenyaa fi waa'ee Waaqayyoo, qulqulloota amanan duratti (jechuun, Mat. 7:6). Anguun kun barreefama sirreessuu kan godhameef ta'uu hin danda'u, akka qulqulluu sagallee isaatti faallaadhaan kan biroof dhugaa ba'uu. Garuu inni dhugaa dha, dhimmoonni tokko tokkoo, doktiriinniin tokko tokkoo duraan hasaawaa keenya irratti, dhabamsiifamuu qaba, warra hin amanne fuul-duratti, qabaachuu kan danda'u hubachuu dhiisu yookan jeeqamuu irraan kan ka'e. Kan kitaaba qulqulluu ilaalcha adduunyaatiin ni gaaffata

1. Hafuura (Yohaannis 6:44; 65)
2. Laphee fudhatu (Matihoos 13)
3. Mul'achuu, bifa gargaaruu danda'aniin
4. Yeroo/yaalii

Yaadannoo kitaabaa UBS (fuula 374) calliisuun kan ittiin hiikamu faarfattichi waa'ee jireenya isaa hadheeffachuu barbaaduu dhiisuu isaati, hamoota fuulduratti.

▣ **Arraba koon akkan hin dogoggore"** cubbuun asitti hubatamuun kan irra jiru akkaataa haala barreefamaatiin, dhugaa akka dubbatuuf, cubbamoonni fudhachuu akka hin dandeenye (Mat. 7:6).

**39:2-3** walummaa galatti faarfattichi mataan isaa dhimmoota kana irratti yaaduu hin danda'u. ta'us garuu mul'ata gara Waaqayyootti akka dubbatuuf sababa ta'aaf, gaaffii isaaf yaaduu isaa, waa'ee jireenya namaa gaababina fi jijjiramaa ta'uu isaa.

**39:2 "Waan gaariif illee nan callise"** MT gaaleen kun "Waan fayyaduuf illee nan callisse" jedha (jechuun, fiixaan ba'umsa malee, "waan gaarii malee," BDB 373). Kun walaalchisaa dha, kanaaf hikoota adda addaa karaa adda addaatiin ibsu. Haala barreefamaa irraan kan ka'e inni kan inni argisiisuf fedha faarfatticha dubbachuuf yeroo ta'u, garuu gochuun kan irra hin jiraanne itti dhaga'ama. Isaaf dubbachuu calumma jechuun haalicha hin deggeru.

Jireenyi baay'ee gabaabaa yoo ta'e, namoota kufan maal irratti xiyyaafachuun isaan irra hin jiraatu? Carraan warra qulqullootaa fi qulqulloota hin taane tokko fakkaata (Lallaba. 2:14-16; 19; 26, 9:2-3).

**39:3 "Abiddi ni boba'e"** gochamni kun (BDB 128, KB 145, *Qal* IMPERFECT) wal fakkaataa dha, Ermiyaas dubbii Waaqayyoo dubbachuudhaaf caraaqqi ibsuu wajjin (Erm. 20:9).

**39:4-6** Isaan faarfattichi "Gadi fageecyaan kan itti yaade" dhimoota dha (BDB 211, Faru. 5:1) waa'ee

1. Jireenyi amansiisaa ta;uu dhiisuu isaa
2. Jireenyi gabaabaa ta'uu isaa
3. Xiyyaafannoo dogoggoraa (jechuun, maqaa gaarii, badhaadhina) jireenyaaf
4. Loogii jireenyaa

**39:5 "Qaamni koos"** jechi kun (BDB 381) safartuuwwan Ibirootaa baay'ee keessa isa tokkoo dha, qaama namaa keessaa.

1. Harka diriirfame
2. Caaffii qeensaa irraa hanga hirree
3. Caaffiwwan diriirfaman
4. Qubuuni afran bakka tokkootti
5. Quba qeenxee tokko

## MATA-DUREE ADDA : HIRREE

Hir'oota gosa lama (safartuuwwan) qabu (BDB 52, KB 61) kitaaba qulqulluu dhaan. Hirreen dhaabbataan kan nama giddu galleessaa quba isaa isa dheeraa irraa hanga hirreetti fageenya yoo ta'u, innis yeroo hundaa Hinchi 18 kan ta'uu dha (Uma. 6:15, Bau. 25:10; 17; 23, 26:2;8; 13; 16, 27:1;9;12; 13; 14; 16; 18, Lak. 35:4; 5, Kes. 3:11). Dabalataanis hirree dheeraatu jira (hirree mootii) hojii ijaarsaaf kan oolu (jechuun, mana qulqullummaa Solomoon), innis Gibxii irraa kan baratame (jechuun, qubawwan 21), Filisxeem (jechuun, quboota 24), kanaaf yeroo tokko tokkoo Baabiloon (jechuun, qubawwan 30). Innis inchii 21 kan dheeratu (Hiz. 40:5, 43:13)

Kutaawwan Qamoota namaa kan durii ittisaaf fayyadamu turan. Baha dhi'oo durii saboonni fayyadamaa tura,

1. Harka irraa hanga fiixee quba gidduu galeessaatti (hirree)
2. Abbuduu diriirfame irraa hanga quba ishee xiqqootti (fageenya, Kes. 28:16, 39:9, 1Sam. 17:4)
3. Quboowwoni afran walitti maxananii dheerinni inni qabu, kan mul'ate qubawwan (bal'ina, Bau. 25:25, 37:12, 1Mot. 7:26, 2Sen. 4:5)
4. Dheerina quba isa giddu galeessa qubaa(Erm. 52:21)
   Hirreen isaa (BDB 52, KB 61) raawwatee safartuu hin ture, garuu dheerrinni bu'uuraa lama turaniiru.
   1. Guutummaa hir'ee hanga quba gidduu galeessaatti (hanga inchi 18, Kes. 3:11)
   2. Hirreen mootii xiqqoo ol jedha (hanga inchii 20. 2Sen. 3:3, Hiz. 40:5, 43:13)

▣ **"Bara koo hundumaatti fuulakeetti akkasumaan"** kana jechuun YHWHn kunuunsa akka hin goone kan mirkaneessu miti garuu jireenyi namaa gabaabaa fi hiika kan hin qabne ta'uu isaati, YHWH wajjin yoo wal madaalu (Isa. 40:15).

▣ **"Hafuura akkasumaanii"** Gaaleen kun (BDB 481 CONSTRUCT BDB 210 I) hiika kan biraa dha lallabaaf (Lal. 1:2, 12:8, "Hurka," "Hafuura," akkasumaan ta'uu"). Jechi kun yeroo sodama lallaba irratti faayidaa irra ooleera, kanaaf yeroo sagal qofaa dha faarfannaa irratti (Faru. 39:5; 6; 11, 144:4) fi yeroo sadii fakkeenya irratti.

▣ **"Selay"** Faru. 3:2 irratti kan jiru yaadannoo fi seensa faarfanna VII ilaali.
**39:6 "Hafuura"** kun akkuma jirutti **"**Gadiisa" dha (BDB 853). Innis dumeesoota ibsu danda'a, garuu dhaabbataatti bifa fakkiduutiin faayidaa irra kan inni oolu jireenya yerootiif (Iyoob 8:9, 14:2, Faru. 102:11, 109:23, 144:4). Kunis dhimma mata-dureeti! Faarfannaa 8 og-Waaqummaa gaarii wal cina ta'uu danda'a.

▣ **"Qabeenya kuusa eenyuuf akka walitti qabu hin beeku"** kun baay'ee wal fakkaataa dha, Qohelechiif akkataa yaada, (Qohelech) Lal. 2:18-23.
NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu (Fuula 778) yaada fooyya'aa qaba, lakkoofsa kana irratti.
"Dabalataanis lallabaaf akka guduunfaatti mul'achuu kan danda'u."

## MACAAFA FAARFANNAA: 39:7:11

**7 Egaa maalaan eeggadha yaa gooftaa? Abdiin ani qabu si*1**
**8 Warra anatti darban harkaa na baasii, warraa gowwootaaf**
**Muka kolfaa ana hin godhin!**
**9 Siti akkas akka ta'u godhe, kanaaf ani hin dubbadhu, afaan**
**Koos hin saaqqadhu;**
**10 Harka kee isa anatti ulfaatu jalatti akkan badduu hin baanetti,**
**Dha'icha kee ana irraa fuudhi!**
**11 Sababii yakkaatiif nama ifattee in adabda, wanta isa irraa**
**Nama gammachiisuus hundumaa, akkuma ololeen nyaatutti**
**Ijaajjitti in fixxa; eeyyee, nama ta'ee kan argamu hundinuu**
**Akkuma qilleensa shuf jedhuu ti*.**

**39:7-11** Aanguun kun guduunfaa waan hundumaati, YHWHn akkam godhee duuka buutoota amanamoo akka qabu, addunya kufe kanaan gaaffiwwani raafama jireenyaa gidduu.

1. YHWH eeggatu
2. YHWH abdii godhatu (lak. 1;2 furtuu og-Waaqummaati, icciitii keenyaafi jireenya yeroo gabaabaa)
3. Akka godhuufif gara YHWHtti kadhatu -BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE (Faru. 38:10)
4. Dhibaa'oo akka hin taaneef ni kadhatu - BDB 962, KB21, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
5. YHWHn jecha keenyaa fi jireenya keenya ni geggeesa (Faarfannaa 139)
6. YHWHn firdiif akka ka'u fedhu - BDB 693, KB 743, *Hiphil* IMPERATIVE

Lakkoofsa 10-11 sababa gochawwan YHWH irraan kan ka'e ilaaleera.

1. YHWH n jireenya isaaniitti damaqaa dha
2. Firdiiwwan YHWH kan ifatamanii dha, kan nama gaddisiisan osoo hin taane
3. YHWH n wantoota tokko tokkoo ni fudhata, isa caala kan itti amannuu fi kan qabanuu! Waan hundumaa YHWH n ala yeroo gabaabaa dha! Argattaniittuu?

**39:10**
**NASB,NKJV,**
**JPSOA** **"dha'icha"**
**NRSV** **"jeequmsa"**
**TEV,REB** **"rukkuttaa"**
**NJB, LXX** **"reebbicha"**

Maqaa Ibirootaa (BDB 619, Faru. 38:11 irratti yaadannoo jiru ilaali) yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oolu YHWH irraa kan ergame dhukkuba dha.

1. Dha'icha - Uma. 12:17, Bau. 11:1, 1Mot. 8:37, Faru. 38:11, 39:10
2. Rukkuttaa/jeequmsa - Faru. 89:23, Isa. 53:8
3. Reebbicha - Faru. 89:23

YHWH n dirqamsiisuu danda'a, waan ergeef! Innis yeroo hundumaa rakkiisaa dha, waan hin danda'amne yoo ta'e illee, kan dhukkubbi, barbaachiisaa, jeequmsaa, K.K.f burqaa beekuuf, jireenya kanaan. Og-Waaqummaa kakuu moofaa sababawwan hundumaa YHWH dhaaf kenna, akka karaa Og-Waaquummaa tokkummaa mirkanneesuuf. Ta'us garuu itti fufiinsa yoo qabaate karaa mul'ata kakuu haaraatiin fillanoowwan baay'een ni ka'u.

1. Waaqayyoo wantoota ni erga
   a. Adabbiidhaaf
   b. Guddina hafuuraatiif (Ibr. 5:8)
2. Waaqayyo ni eeyyama (yoo erguu baatees) wantootni akka hin uumamne
3. Kan nuyi jiraannee addunya kufe irra, wantoota gadhee yeroo ta'aniitti (Statical hamaa) amantiidhaan filladheera, (Faarfattichi akka godhe), Waaqayyoon amanachuun, abdii godhachuun, fi eegachuuf (Faru. 38:15, 39:7), icciitiidhaan, haqaan karaa hin taaneen, yeroo hundumaa hameenya jireenyaa halootni kan ittiin uumamam gidduu. Ana na hin galchu "maaliif" yookaan "maaliif amma" yookaan "maaliif kun" yookaan haga kam," akka ta'e, ta'us garuu, amantiidhaan nan godha, Waaqayyoon amanachuudhaan, anaa wajjin akka ta'e, anaaf akka ta'e, kanaaf wantoota hundumaaf kaayyoo fi bu'a qabeessumaaf jiraachuu akka danda'u (Rom. 8:28-30, 31-39)! Innis ilaalcha addunyaa, ejjennoo amantii, labsi og-Waaqummaati!

▣ **"Jabina harka kee"** harki ciigoo humna gochaati (mata-duree addaa Faru. 7:3-4 irratti). Waa'ee dhimma og-Waaqummaa Faru. 32:4 fi 38:2 ilaali. Waaqayyo akka ifatu, akka jaalala maatii fakkiidu ajaa'ibsiisaa dha (Fak. 3:11-12). Inni jireenya keenya irratti dammaqaa dha, inni nuyis ta'ee kan biroon akka balleesinu waan hin barbaanneef. Kan "harka" kaayyoo ifannaa sirri qaba (Ibr. 12:5-13)

## MACAAFA FAARFANNAA: 39:7:11

[12]**Yaa Waaqayyo, ati kadhata koo anaas dhaga'I,**
**Gurra kees gara iyyata kootti qabi! Imimmaan koo**
**Ilaali malee, ana jalaa calluma hin jedhin! Anoo**
**Akkuma abboota koo, si duratti keessummaa dha,**

**Kara-adeemaa dhas*.**
[13]**Utuun hin godaanin, lafa irraas utuun hin dhabamin,**
**Takka fuulli koo akka ifutti, nyaara guurtee ana hin ilaalin!**

**39:12-13** Faarfannaa irratti akka baratame hundumaa, kan inni cufamuu gaafii kadhataatiin.

1. Dhageeffadhu - BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE
2. Dhaga'I - BDB 24, KB 27, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Cal hin jedhin- BDB 361, KB 357*Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Faru. 28:2, 35:22, 83:1, 109:1

4. Narratti hin xiyyaafatiin- BDB 1043, KB 1609, *Hiphil* IMPERATIVE, Iyoob 9:27, 10:20-21 14:6 ilaali
5. Xiqqoo akka boqqotuuf - BDB 114, KB 132, *Hiphil* COHORTATIVEIyoob 9:27, 10:20 ilaali

**39:12** Kan lakkoofsa kanaa dhumma irratti hololowwan lamman gidduu faallaawwan jiran ilaalatu

1. Saboota kakuu adda ta'an
2. Kan cubbamoota itti fufiinsa kan qabu jireenya gabaabaa (1Sen. 29:15, Faru. 119:19; 54, Ibr. 11:13, 1Phex. 2:11).

Duumessi kakuu moofaa kun (waan ifa hin taane) akka ta'e yaadadhu. Wangeela Yesus Kristoos dhimmootaa fi gaaffiwwan baay'ee ilaala, waa'ee jireenyaa, waa'ee kaayyoo, fi bara barummaa!

▣ **"Ani keessumaa dha hoo"** jecha/yaad-rimee ana na yaachisa. Innis tokko Waaqayyoon kan hin beekne waan eeru fakkaata yookaan Waaqayyoodhaan kan hin beekamne, garuu akkaataa yaada barreefamichaatiin inni kan inni argisiisu keessummaa godoo keessa jiruu dha, halkan tokko yookaan lama dabrsee kan deemu. Innis qooqa fakkiduutiin fakkeenya kan biroo dha, jireenyi namaa kan yeroo ta'uu kan ibsuu fi gaabbii isaa.

**39:13** Qulquluummaa YHWHtiin, jireenyi kun rakkina kan qabu ta'eera (Iyoob 14:6). YHWH fakkaachuudhaaf harkisa inni qabu (Matt. 5:48, Lew. 19:2) baay'ee jabaa ta'eera. Yesus qofaan nuuf nagaa fiduu kan danda'u, argamuu iisaan akka ta'u (jechuun, dhiisuu, jechuun firdii YHWH wajjin kan wal qabate Iyoob 7:19, 14:6, Isa. 22:4) Waaqa qulqulluu wajjin!

Lakkoofsa kana irraan kan ka'e, gaaffii Pheexiroos, Luqaas 5:8 irratti miira jiru kan kennu fakkaata!

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajeelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfattichi fuula cubbamootaa duratti maaliif cal jechuu barbaade (lak.1)?
2. Tokkummaa lakkoofsa 4 qooqa mataa keetiin ibsi.
3. "Hirreen (safartuu qaama namaa)" maalii dha?
4. Lakkoofsa 11 ibsi. YHWH n duuka buutota isaa gidduu dhaa kan isa tokkoo wanta ulfaate hundumaa maaliif fudhata?
5. Lakkoofa 11 C YHWH n namoota dhuunfaaf akka of hin eegganne kan argisiisuu dhaa?
6. Lakkoofs 12 , C fi D maal jechuu dha? YHWH dhaaf nu keessumootaa?
7. Kan lakkoofsa 13 tokkummaa hiikaa qooqa mataa keetiin ibsi.

# FAARFANNAA 40

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo tajaajilicha ni deeggara<br>Seensa MT kan qabu "angafa farffattotaaf faarsaa Daawiit" | Amantiin qorumsa irraatti jabaata | Rakkina irraa fayyuuf galata kadhata gargaarsaa wajin | Faarsaa galataa | Faarsaa galataa fi kadhata gargaarsaa |
| | | | | 40:1 |
| | 40:1-3 | 40:1-3 | 40:1-3 | 40:2 |
| 40:1-3 | | | | 40:3 |
| | 40:4-5 | 40:4-5 | 40:4-5 | 40:4 |
| | | | | 40:5 |
| 40:4-5 | 40:6-8 | 40:6-8 | 40:6-8 | 40:6-7a |
| | | | | 40:7b-8 |
| 40:6-8 | 40:9-10 | 40:9-10 | 40:9-10 | 40:9-10 |
| | 40:11-12 | 40:11-12 | 40:11 | 40:11 |
| 40:9-10 | | | Kadhata gargaarsaa | |
| 40:11-12 | | | 40:12-15 | 40:12 |
| | 40:13-15 | 40:13-15 | | 40:13-14a |
| | | | | 40:14b-15 |
| 40:13-17 | 40:16-17 | 40:16-17 | 40:16-17 | 40:16 |
| | | | | 40:17 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 40:1-3

**[1]Ani abdii guutuudhaan Waaqayyoon nan eeggadhe,**
**Inni immoo gara kootto jedhe, iyya koos anaaf in dhaga'e.**
**[2]Inni boolla huursaa bishaan sodaachiisaa keessaa, dhoqqee**
**Akka suphee nama qabatuu keessas harkisee na baase;**
**Inni miilla koo dhagaa hin sochonne irra anaas dhaabachiise,**
**Ejjennaa koos anaaf in jabeesse.**
**[3]Inni faarfannaa haaraa, isa ani ittiin isa jajjadhu afaan koo**
**Keessa in kaa'e; baay'een kana arganii isa in sodaatu,**
**Waaqayyummaa isaa in amanatu*.**

**40:1-3** Faarfattichi YHWH gallateefata waa'ee fayyisuu isaa darbeef. YHWHn kadhata isaaf deebii kenneera (jechuun, "raawwateera" BDB 639, KB 692, *Qal* IMPERFECTfi "dhaga'eera," BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERFECT)

YHWHn godheera

1. Boolla hameenyaa keessaa baaseera ("jeeqama/waca boollaa," BDB 92 caaseefama BDB 981, Faru. 69:2, kunis nuura bishaan du'aa ta'uu danda'a (Faru. 18:4) yookaan lolaa (Faru. 18:16)
2. Dhoqee mucucaataa keessaa na baasera
   a. Dhoqee karaa irra jiruuf faayidaa irra kan oole - 2Sam. 22:43, Mikiyaas 7:10, Zak 9:3, 10:5
   b. Dhoqee qabaa keesa jiruuf faayidaa irra kan oole - Erm. 38:6
   c. Fakiidu dhiphinaatiif faayidaa irra kan oole - Faru. 40:2, 69:14 ("boolla" dabalataaniis 69:15 irratti eerameera)
   d. Si'ooliin eeruu danda'a (jechuun, du'a, kitaaba yaadannoo UBS, fuula 381)
3. Miilla isaa kattaa irra kaa'e adeemsa isaa cimsuuf - gaarii, duuka buutuu kakuu amanamoo kan jedhaman qajeelummaan, karaa qajeelaan, karaa ifaa ta'een kan adeemanii dha (Faru. 17:5, 18:36, 37:31, 44:18, 69:9, 73:2, 94:18, Job. 23:11, 31:7)
4. Afaan koorra faarfannaa haaraa naaf kaa'e, faarfannaa galataa - faarfannawwan haaraan karaawwan aadaati, beekamtii gochawwan fayyisuu YHWHf beekamti kennuu fi galalteefachuu (Bau 15, Abo. 5, Kes. 32), Faru. 33:5 irra yaadannoo jiru ilaali, dabalataaniis Faru. 96:1, 98:1, 144:9, 149:1, Isa. 42:10, Mul. 5:9, 14:3 irra yaadannoo jiru

YHWHn faarfattichi kaayyoo inni kaayyoofate, nama tokkoof kan ta'e qabiinsa adda ta'e miti, garuu duuka buutota kakuu eebbisuudhaaf fi eeguudhaaf malee, waan ta'eef kan biroon (jechuun, "baay'een isaanii," BDB 912 I) duuka buutota kakuu akka ta'an malee.

1. Ilaali - BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT
2. Sodaadhu - BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT
3. Amanadhu - BDB 105, KB 120*Qal* IMPERFECT

**40:1 "Obsaan eeggatu"** Kun INFINITIVE ABSOLUTE fi PERFECT VERB, hundee wal fakkaataa (BDB 875, KB 1082) miira ho'aa ibsuuf faayidaa irra kan oole.

▣ **"Raawwate"** gochamni kun (BDB 639, KB 692, Faru. 17:6, 88:2) hiiki isa, "raawwachuu" dha. Fakkeenyi nuuraa tokko YHWHn gurra isaa itti qabu, qulqulleesse dhageeffachuuf, yookaan YHWH dhageeffachuuf itti jechuu isaati (Iyoob 15:29).

**40:2 "Kattaa"** Faru. 18:2 irra yaadannoo jiru ilaali.

**MACAAFA FAARFANNAA: 40:4-5**

> **4 Namni Waaqayyoon amanannaa isaa godhatu,**
> **Warra of bokoksanitti, warra amantii isaanii**
> **Gananii, soba duukaa bu'aanittis inni hin gorin**
> **Haa gammadu*!**
> **5 Yaa Waaqayyo gooftaa koo gocha kee isa dinqisiisaadhaa fi**
> **Yaada gaarii nuuf qabdu nuuf baay'ifteetta; tokko illee kan sin**
> **Qixxaatu hin jiru; isaan kana yoon labse, yoon himes, isaan**
> **Wanta lakkaa'amuu danda'u gararraa in ta'u*.**

**40:4-5 "Akkam galateeffamaa dhaa"** kun aanguu kanaaf yaada isa guddaa dha. Jechi kun (BDB 80) yeroo 26 faarfannaa irratti faayidaa irra ooleera. Yaadannoo guutuu isaa Faru. 1:1 irratti ilaali. Faarfannaan faarfannaa irratti faayidaa irra ooleera. Yaadannoo guutuu isaa Faru. 1:1 irratti ilaali. Faarfannaan 41 gaalee kanaan kan inni jalqabu. Innis baayinaan faarfannaa fi Fakkeenya irratti faayidaa irra kan inni oolu (jechuun, ogummaa og-barruu), innis jireenya milkaa'ummaa fi badhaadhinaa irratti kan xiyyaafatu.

Ejjeennoo eebbifamaa sababa kennamaniif

1. Amanannaa isaa YHWH irra godhate
2. Gara of-tuultotaa kan hin ilaale (BDB 815, KB 937, *Qal* PERFECT) LXX, NRSV, TEV lak. 2, 3 ilaali, waaqa tolfamoo kan eeranii dha)
3. Kan hin ilaalle (BDB 926, KB 1312, *Qal* PARTICIPLE jechi isaa as qofatti qofaa dha kan inni argamu, kakuu moofaa irratti)

Lakkoofsa 5 irratti yaaliin YHWH tarreefameera.

1. Dinqiwwan baay'ee dha (mata duree addaa ilaali Faru. 9:1 irratti fi Faru. 40:5 irratti yaadanno jiru)
2. Yaadni isaa baay'ee dha, saba kakuu isaaf
3. Eenyu iyyuu kan isa fakkaatu hin jiru (Faru. 16:2, Isa. 6:8-10, jechuun, tokkummaa, mata-duree addaa ilaali Faru. 2:7 irratti)
4. Dinqin isaa fi yaadni isaa lakkoofsa hunda irra caale
   a. Yoo dubbatames - BDB 616, KB 665, *Hiphil* COHORTATIVE
   b. Yoo haasa'es - BDB 180, KB 210, *Piel* COHORTATIVE

**40:5** Lakkoofsi kun kan inni callaqisiisu gocha guddaa YHWHti Israa'eliif, keessaa iyyuu Ba'uu. "Nun" kan jedhuu ilaaluun kan irra jiraatu amantii hawaasaati, sanyii Abirahaamiif (Uma. 12:1-3). Hawaasa kakuu keessatti warra amananii fi hin amanne ni argamu (40:4), YHWHn hawaasa hundumaa deggera. Innis kaayyoo oolchuu hundumaa Israa'eeliif qaba (Faru. 33:10-12).

"Dinqii" jechi jedhu (BDB 810, mata duree addaa ilaali Faru. 9:1 irratti) yeroo hundumaa faayida irra kan inni oolu Ba'uu wajjin kan wal qabatee dha.

1. Gochama - Bau. 3:20, 34:10, Kes. 28:59
2. Maqaa - Bau. 15:11

Ba'uun ragaa isa guddaa ture, YHWHn amanamummaan inni abdiif qabu (Uma. 15:12-21) fi Israa'eeliif humna fi kaayyoo isaa kan argisiise (Uma. 12:3).

▣ **"Lakkoofsa hunda irra baay'ate"** kun tarii walitti hidhiinsa jechani ta'a, Abdii Abrahamiif kenname, sanyiiwwan isaa lakkoofsaan ol akka ta'an (jechuun, akka hawaaraa, Uma. 13:16, 28:18, Lak. 23:10, akka cirachaa, Uma. 22:27, 32:12, akka urjootaa, Uma. 15:5, 22:17, 26:4). Kan biraan dinqiin YHWH, maseena irraa, mirreewwan dulooman!

Wal cina barreefamaa fooya'aa ta'uu kan danda'u Faru. 139:17-18 yoo ta'u, innis immoo hojii fayyisuu YHWH baay'ee argisiisa. "Akka lafa ciraachaa kan ta'e" kan jedhu kan eerame hubadhu, innis kan biraa kan eeruu sanyii Abirahaamiif abdii kenname.

## MACAAFA FAARFANNAA: 40:6-8

**6 Ati qalma fi kennaa midhaaniiti hin gammanne,**
**Qalma gubamuu fi aarsaa cubbuu, ati hin barbaanne;**
**Anaaf garuu garaa banamaa in kennite*.**
**7 Yommus ani, "Kunoo, ani nan dhufa, maraa macaafaa**
**Keessatti anaaf kan ta'u caafameera;**
**8 Yaa Waaqayyoo ko, fedha kee gochuun anatti hin tola,**
**Seerri kees garaa koo keessa jira" nan jedhe.**

**40:6-8** Aanguun kun seera Musee fayyadama akka agarsiiftu barreefamaati, faarfattichaaf walitti dhufeenya haaraa dhuunfaa, kakuu haaraa wajjin yaad-rimee wal fakkaataa ta'e, Erm. 31:31-34 (jechuun, seerri kee laphee koo keessa jira, Isa. 51:7). Waaqefannaaf, abboomamuuf, tajaajilaaf, fi kaka'umsa jabeesuu kan keessaati (Kes. 6:6).

Seerii aarsaa YHWHn cubbuu namaa wajjin kan jiru tooftaa ittiin qabatuu dha, hawaasa kakuu wajjin dha. Bineensoonni qulqulluu ta'an ni du'u, bakka nama cubbamaa (Hiz. 18:4, 20, Rome. 6:23). Innis argisiisa rammaddii isa guddaati, kan dhufuu hoolaa Waaqayyoo, cubbuu biyya lafaa kan balleessuu (Yoha. 1:29, Mar. 10:45, 2Qor. 5:21, Irb. 10:1-18).

Rakkoon kakuu Musee Yihudoota baay'eedhaaf seera amillee isa alaa ta'uu isaati, amantii dhuunfaa seera qabu caalaa (Kes. 10:16, 30:6, Erm. 4:4, 9:25, Rom. 2:28-29).

Kakuu haaraan anguu kana kan ilaaluu (lak. 608) dhuma irratti jiraachuu fi du'uu Yesuusiin kan raawwatamee dha (Ibr. 10:5-7 LXX irraa). Inni dhugaadhaan kan raawwatamuu dha barreefamoota kanaaf. Inni "inni wara Israa'eeliif barbaachiisaa" dha, bakka hundumaa kan du'e (Isaayaas 53).

**40:6** Jechoonni adda addaa jiru kan Israa'eel aarsaa adda addaa kan ibsan (Lewoota 1-7).

1. Aarsaa - BDB 257, aarsaa jecha wali galaa, achitis qaamni walakkaan bineeldichaa tokkummaan kan nyaatamu, og-Waaqummaa wajjin
2. Nyaata kennaa qulqulluu - BDB 585, olaantummaan lammanuuti kan inni argisiisu, irbaata qulqulluu fi horii fi midhaanii, garuu irbaata qulqulluu midhaanii qofatu faayidaa irra oolaa dhufe
3. Aarsaa gubbamu - BDB 750 II, kan inni ibsu aarsaa irratti aarsaa guutuu guutuutti gubatuu dha
4. Aarsaa cubbuu - BDB 308, lamman keessaa maqoota dogogoraa FEMININE NOUNS inni tokkooffaan, kun darbee darbeeti, innis "cubbuu gudaa" kan jedhuun hiikameera, Uma. 20:9, Bau. 32:21, 30, 31, 2Mot. 17:21, fi "Cubbuu" FAru. 32:1, 109:7 irratti. Asitti inni kan inni ibsuu aarsaa cubbuutti, wal cinummaa irraa kan ka'e, garuu fayyadani isaa adda dha. Lakkoofsi kun seera aarsaa fudhachuu dhiisuu miti garuu fayyadama isaa wal dha'ee malee (1Sam. 15:22, Faru. 50:8-14, 51:16-17, 69:30-31, Isa. 1:11-15, Erm. 7:22-23, Hose. 6:6, Amos 5:21-22).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"banameera"** |
| **NASV daangaa** | **"qotameera yookaan tarsa'eera"** |
| **NRSV daangaa** | **"qotameera"** |
| **LXX** | **"foon naaf qopheesite"** |

Gochamichi (BDB 500, KB 496*Qal* PERFECT) hiikni kun kan inni jiraatu as qofatti. Qotuudhaaf faayidaa irra kan inni oole

1. Boolla - Uma. 26:25, Lak. 21:18

2. Hawwaala - Uma. 50:5
3. Boolla -Bau. 21:23
4. Seera fakkiduu seeraa - Faru. 7:16, 57:7, 119:85, Faru. 16:27, 26:27, Erm. 18:20 (jechuun, Ermiyaas 6:10 wajjin wal madaalchisi)

Yaadannoo NASB kan inni jedhu "Waraanuu" dha, innis Bau. 21:5-6 yookaan Kes. 15:12-18 irraa dhufee ta'uu kan danda'u, achittis garbichichi miseensa maatii dhaabbataa kan ittiin ta'u (40:17, gochama adda ta'ee fi gurra" qeenxee dha).

Hiikni LXX kan inni hundeefame barreefamoota harkaa yookaan akkaataa yaadaa "Gurraa" kan barreefame guutuummaa qaamaa akka dhaabbate godheeti. LXX walda kristaanaa ishee durii kan itti fayyadamtuu dha, kanaaf inni Ibr. 10:5 (Ibr. 10:1-18 irratti ibsameera).

Akkaata yaada barreefamaati gochamichi kan inni argisiisu amantii fi amanachuu isa haaraa dha, modeela kakuu haaraatiin kan hundeefame (jechuun, "seerri kee laphee koo keessa jira," Erm. 31:31-34, Hiz. 36:26-27), innis namoota cubbamoota fedha YHWH ifatti beekanii akka raawwatan kan eeyyamu (jechuun, 40:8).

**40:7**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Ani dafee nan dhufa"** |
| **NRSV, TEV** | |
| **REB** | **"ani jira"** |
| **NJB** | **"jira, dhufeera"** |
| **LXX** | **"ilaalaa, dhufeera"** |
| **NET** | **"ilaalaa, nan dhufa"** |

"Asan jira" hiiki jedhu kan inni dhufe fayadama walinga wal fakkaataa irraati (BDB 243) Isayaas irratti faayidaa irra kan oole Isa. 6:8 irratti, "dhufeera" gochama jedhu wajjin waliin makuun (BDB 97, KB 112, *Qal* PERFECT), Isa. 6:8 gochama adda ta'e.

Innis YHWH jireenya tokkoof karooraa fi eyyama inni qabu argamuu isaatiif ciigoo eyyama harkifamuuti (40:7b-8). Akkataa haala barreefamaa kanaan (jechuun, aarsaa) innis kan inni argisiisu dhuqaan, kakuu moofaa irratti gosa aarsaa kami iyyuu jiraachuu dhiisuu isaati, kan beekamu, cubbuu ta'I jedhame godhame (Lew. 4:2, 2, 27, 5:15-18, 22:14, Faru. 51:16-17). Kan miiraa yookaan cubbuu beekuu dhiisuu qofa ture kan haguugan (jechuun, ta'I godhamanii kan hin godhamne). Faarfatticha kan ilaalate aarsaan qofan isaa ta'u qabu ofii isaa ta'uu isaati (Rom. 12:1). Kunis dhugumatti himtee hoolaa Waaqayyoo (gaadisa) dha (Yohaannis 1:29) ofii isaa kennuuf kan dhufe (Mariqoos 10:45, Isaayaas 53).

▣ **"Maramaa kitaabatiin"** Beektoonni tokko tokkoo kana kan ilaalan YHWHn Museedhaaf kan ibse kan argisiisuu dha. Mootichi warabiin kennameeraaf (Kes. 17:18-20, 1Mot. 2:3, 2Mot. 11:12). Kitaabni qulqulluun "kitaaba (kitaaboota)" fayyadama, YHWHn tokkoon tokkoon namaaf karoora inni qabu ibsuudhaaf (Faru. 139:1-6, 16) yookaan namoota hundumaaf yaadannoo jireenyaa, guyyaa tokkoo fuula isaa duratti akka abba murtooti kan dhaabbatan. Nuuri kun kitaaboota lama irratti ibsama, kitaaba jireenyaa fi kitaaba gochaa. Mata-duree addaa ilaali, kitaaboonni lamman Faru. 9:5 irratti.

**40:8 "Fedha kee gochuun anatti in tola"** Jijjirama hundee irraa akkamiiti, Uumama 3 irratti. Kan miidhame "bifa Waaqayyoo" deebi'eera! Tokkuumaan sadarkaa gadi fageenyaan deebi'uu danda'eera. Hafuura kufaati isaaf akka barbaade ta'u, hafuura bituun bakka buufameera.

Yesus kana gar tokkootti jechuu tajaajilaa kan argisiisu ta'eera, nuyii akka ilaalu (Matt. 26:39, Yohannis 4:34, 5:30, 6:38)

## MACAAFA FAARFANNAA: 40:9-10

**9 Ani waldaa guddicha keessatti, waa'ee dhugaa argatanii**
**Furamuu misiraachoo himeera; yaa Waaqayyo, akkuma**
**Ati beektu, kunoo anii afaan koo kana labsuutti hin dhowwine,**
**10 Waa'ee qajeelummaa kee ani garaatti qabadhee hin dhoksine,**
**Ani waa'ee amanamummaa kee fi waa'ee gargaarsa kee**
**Himeera; ani waldaa isa guddaa sana keessatti, gaarummaa kee,**
**Amanamummaa kees afaan kootti hin ittifne.**

**40:9-10** Faarfattichi hojii YHWH dhugaa ba'a, mana qulqullummaa/godoo bultii (Faru. 22:25) yoomessa waaqefannaan (jechuun, saba guddaa).

1. Tollii kee - BDB 842, mata duree addaa ilaali Faru. 1:5 irratti
2. Amanamummaa kee - BDB 53, mata-duree addaa ilaali Faru. 12:1 irratti
3. Fayyisuu kee - BDB 448, mata duree addaa ilaali Faru. 13:5-6
4. Arjummaan - BDB 338, mata duree addaa ilaali Faru. 5:7
5. Dhugaan kee- BDB 54, mata duree addaa ilaali Faru. 12:1 irratti

Lakkoofsa 11 tarreefama kana irratti kan itti dabalu jira (ramadiin anguu mirkaneefannaa hin qabu).

6. Gara laafiini kee - BDB 933
7. Arjummaan kee - BDB 338
8. Amanachuun kee - BDB 54

Isaan og-Waaqummaa jechoota kakuu moofaa gurguddoo dha, kanas Waaqa kakuu irraa ijoollee dhiiraa/dubaraa Addaam wajjin akkamitti akka hojjetu kan ibsan, isaan sababa waamamuu Abirahaamiif (mata duree addaa ilaali, Faarfannaa 2 seensa irratti).

**49:9 "Ati nii beekta"** YHWH n garaa namoota uumee ni beeka (Isa. 22:22, 1Sam. 2:3, 16:7, 1Mot. 8:39, 1Sen. 28:9, Faru. 139:2-4, Erm. 17:10, 20:12, Luq. 16:15, HoE. 1:24, 15:8, Rom. 8:27).

**40:10** Isaan duraa fi aanteen gochootaa kun, faarfattichi kan inni xiyyaannoo itti kennisiisu olaantummaa isaa fi ragoota ifaati, waa'ee YHWH

1. Dubbadhu - BDB 142, KB 163, *Piel* PERFECT, lak. 9
2. Hin dhoksu - BDB 491, KB 487, *Qal* PERFECT, lak. 10
3. Nan ibse - BDB 55, KB 65, *Qal* PERFECT, lak. 10
4. Hin dhoksu- BDB 491, KB 487, *Piel* PERFECT,

YHWHn ni barbaada, sabichi amala isaa fi gochawwan isaa galataa fi ragaadhaan akka ol kaasaaniif, kanaaf namoonni hunduu bifa isaatti namoota uumaman (Uma. 1:26-27) akka beekanii isa waaqeesaniif!

## MACAAFA FAARFANNAA: 40:11-12

**11 Yaa Waaqayyo, ati garaa laafuu kee harkatti qabattee na duraa**
**Hin hambisin; gaaromuun kee fi amanamuun kee gaaf hundumaa**
**Ana haa eegan!**
**12 Wanti hamaan lakkoofsa hin qabne na marsan, hamma ani wanta**
**Biraa arguu dadhabuttis, irra-daddarbaan koo anatti in dacha'an,**
**Isaan rifeensa mataa koo caalaa in baay'atu, kanaafis onneen koo in laafa.**

**40:11-12** Aanguun kun haala haala waqtillee faarfatichaa mul'isa. YHWHn tarii isa wajjin ta'uu danda'a, garuu rakkinoonni jiru (duraa fi aanteen PERFECTS).

1. Hameenya lakkoofsa hin qabne na argateetti - BDB 67, KB 79, *Qal* PERFECT, tarreefamni kun (AB fuula. 247) nuura dha, sareewwan bosonaa irraa kan fudhatame, isaaniin kan miidhan, isaan rakkinoonni baay'een YHWH irraa "dinqii" wajjin wal faalleeseera 40:5 irratti
2. Cubbuwwan koo na qaban - BDB 673, KB 727, *Hiphil* PERFECT,faarfannaa baay'ee irratti kitaaba tokko irratti faarfattichi cubbuu isaa amana, 25:11, 31:10, 32:5, 38:4; 18, galumsi akkuma jiruutti ta'uu danda'a namoonni hunduu cubbamoota ta'uu mirkaneessuuf
3. Arguus dadhabeera - BDB 407, KB 410, *Qal* PERFECT, utuu addaan hin kutin bo'uu wajjin wal qabachuu danda'a, Faru. 69:3, cubbuun yeroo hundumaa jeeqamuu uuma, walitti dhufeenya Waaqayyoo wajjin qabnu wajjin, akkasumas dandeetti heyyama isaa beekuu keenya
4. Innis irra daddarbaan isaa baay'ee ta'uu amana - BDB 782, KB 868, *Qal* PERFECT, "Rifeensa mataa" fakkeenya jedhu Faru. 69:4 irratti irra deebi'ameera, kanaaf Yesuusiin faayidaa irra ooleera, YHWHn nuun beekuun isaa, Mat. 10:30 irratti, innis ciigoo kakuu moofaati, 1Sam. 14:45, 2Sam.14:11, 1Mot. 1:52, HoE. 27:34
5. Garaan isaa irra utaaleera (jechuun, dhiiseera) - BDB 736, *Qal* PERFECT

Duuka buutuu amanamaan cubbuu lubbuun jiraatu (Rom. 7) fi ayyaana Waaqayyoo fi haraara gidduu falmii jiraatuu dha (Rom. 8).

## MACAAFA FAARFANNAA: 40:13-17

**13Yaa Waaqayyo, ana oolchuun jaalala kee haa ta'u,**
**Yaa Waaqayyo, na gargaaruudhaaf ariifadhu!**
**14Warri jireenya koo butachuu barbaadan, guutummaatti**
**Haa yeella'an, haa qaana'anis; warri hamaan ana argachuutti**
**Gammadan, gara booddee deebi'anii haa salphifaman!**
**15Warri, "Baga, baga" anaan jedhan, qaanii isaaniitiin na'anii**
**Haa gogan*!**
**16Warri si barbaadan hundinuu garuu, isaanitti haa tolu,**
**Sittis haa gammadan; warri fayyisuu kee jaallatanis utuu**
**Gargar hin kutin "Waaqayyo guddaa dha!" haa jedhan!**
**17Waa'ee koof yoo ta'e, ani gadadamaa dha, dhabaa dhas;**
**Garuu gooftaan koo anaaf in yaada, ati gargaarsa koo,**
**Furee koo tis, yaa Waaqayyo ko, egaa hin turin*!s**

**40:13-17** Akka baratame anguun xumuraa gaaffii kadhataa duraa fi aanteeti ((IMPERFECTS fi JUSSIVES kan qaban wal cinawwan wal fakaataan). Kun baay'ee wal fakkaataa dha Faarfannaa 70 wajjin.

1. Akka na fayyiftuuf - (BDB 953, KB 1280, *Qal* IMPERATIVE) heyyami (BDB 664, KB 717, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT). AB, Fuula. 247, kan jedhu "Fiigicha" hundee jedhuu dubbifamaa jijjiruu dha, innis lak. 2 wal cina ta'uu kan wayyu.
2. Ana gargaaruudhaaf ariifadhu - BDB 301, KB 300, *Qal* IMPERATIVE, Faru. 22:19, 38:22, 70:1, 5, 71:12, 141:1
3. Lubbuu koo balleessuudhaaf warri jaallatan haa qaana'an - BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole,
4. Lubbuu koo balleessuudhaaf tokkuummaadhaan haa qaana'an - BDB 334, KB 346, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole,
5. Ana irratti hameenya gochuu kan jaallatan gara boodeetti haa deebi'an - BDB 690, KB744, *Niphal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Faru. 35:4, 26, 70:2 (kun fakkeenya loltummaati)

6. Miidhamuu kooti warri gammadan haa yeellaa'an - BDB 483, KB 480, *Niphal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole,
7. "Baga baga" warri naan jedhan (Faru. 35:21, 70:3) haa qaana'an - BDB 1030, KB 1563, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole,

40:16 irratti kadhatni isaa alta'aa gara sirriitti jijjira

8. Siin kan barbaadan hunduu haa gammadan - BDB 965, KB 1314, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayida irra kan oole, (cubbamoonni lubbuu isaa "Akka barbaadan" hubadhu [BDB 134, KB 152] Faarfattichi garuu YHWH barbaada lak. 16)
9. Siin kan barbaadan hundinuu haa gammadan - BDB 970, KB 1333,*Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole,
10. Fayyuu kee warri barbaadan haa jedhan….- BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, (duuka buutonni amanamoon YHWH ni jaallatu, eyyema fi karaa isaaf mul'ate abbomamuu ta'uuf. Kes. 6:5, 10:12, 11:1, 13, 22, 19:9, 30:15, 16, 19-20
11. "… Waaqayyo guddaa ha ta'u" - BDB 152, KB 178, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, (kun faallaa dha, cubbamaan lak. 15 irratti kan jiru)
12. Gooftaan garuu naaf yaada - BDB 362, KB 359, *Qal* JUSSIVE
13. Hin turin - BDB 29, KB 34, *Piel* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, 70:5, kunis keessa kan gale (inclusioo) uuma "Ariifadhu" kan jedhu wajjin kan lak. 13

**40:17** Faarfattichi amala mataa isaa fi kan YHWH akka ibsu hubadhu.

1. Kan ofii isaa
   a. Gorsaa ta'uu isaa (BDB 776)
   b. Rakkina isaa (BDB 2)
   (Isaan kun yeroo hundaa duuka buutota amanamoof faayidaa irra ooleera, Faru. 70:5, 86:1, 109:22, asitti kan fakiiduuti, fedhii hafuuraaf, Mat. 5:3-6)
2. YHWHn (MT Adoon qaba, MSS Ibirootaaf garuu YHWH qaba)
   a. Gaargarsi isaa (BDB 740 I)
   b. Fayyisuu isaaf (BDB 812, KB 930, *Piel* PARTICIPLE)

▣ **"Waaqa koo"** faarfannaa kana irratti YHWHfi Eelohim yeroo hundaa faayidaa irra oolu walin makus, 40:5 irratti.

1. YHWH, lak. 1, 3, 4, 9, 11, 13 (yeroo lama), 16
2. Eelohiim, lak. 3, 5, 8, 17

Mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 1:1 irratti, barreesitootni kakuu moofaa waamamni isaanii/taayitaa/maqoonni og-Waaqummaaf akkamitti akka itti fayyadaman labsiin ibsame argachuuf, amala isaa fi gochawwan isaa kallattiwwan adda addaa mirkaneessuuf.

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Kan lakkoofsa 1-10 haaloota (gaadidu) ibsi, achi irraas kan lak 11-17. Maaltuu jijjiramee?
2. Gahee YHWH lakkoofsa 10-11 tarreessi ibsi.
3. Fakkeenyi tarkaanfachuu jireenya amantii ibsuudhaaf akkamitti faayidaa irra oole?

4. Lakkoofsa 5 kan eeru uumamaa yookiis seera ba'uuti, yookaan lammaanuutii?
5. Kan LXX hiikni kan lak. 6B (Ibr. 10:5-7) MT irraa baay'ee garaagarummaa akkamitti qabaachuu danda'e?
6. Kun faarfannaa Masihiitii?
7. Waa'ee maalii "kitaaba" yookaan "maramaa" dha lak. 7b kan inni dubbatu?
8. Lakkoofsa 13-17 dabalataan Faru. 70 irratti maaliif raawwatama?

# FAARFANNAA 41

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Faarfatichi dhukkuba irratti waa'ee diinot issaa fi michoota isaa warra saobduu irratti yeroo aaru | Eebba warra gaarii fi gidiraa | Dhukkuba irraa fayyuu fi kadhata (gadda) | Kadhata yeroo dhukkuba | Kadhata koba galeessaa fi rakkataa |
| Seensa MT kan qabu "angafa farffatootaa fi faarsaa Daawiit" | | | | |
| 41:1-3 | 41:1-3 | 41:1-3 | 41:1-3 | 41:1-3 |
| 41:4-9 | 41:4-6 | 41:4-10 | 41:4-9 | 41:4-9 |
| | 41:7-9 | | | |
| 41:10-12 | 41:10-12 | 41:11-12 | 41:10-13 | 41:10-12 |
| 41:13 | 41:13 | 41:13 | | 41:13 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

### MACAAFA FAARFANNAA: 41:1-3

**1Namni isa dadhabaadhaaf yaadu haa gammadu!**
**Waaqayyo guyyaa hamaatti isan oolcha*,**
**2Waaqayyo isa in eega, jireenyas in kennaaf;**
**Biyya keessattis "Isa gammade" in jedhama,**
**Yaa gooftaa ati, gojomii diinota isaatti**
**Dabarsitee isa hin kennitu.**
**3Waaqayyo siree dhukkubaa irratti**
**Ol isa in qaba, Fayyisees siree dhukkubaa irraa**
**Isa in kaasa.**

**41:1-3** Aanguun jalqabaa kun baay'ee isaanii ibsa (BDB 80, Faru. 1:1 irratti kan jiru yaadannoo ilaali) seera Musee nama eegu, gaarummaa Israa'eel, deggeraa, fi warra rakkatan kan gargaaru akka ta'u kan gaaffatu (BDB 195, Bau. 23:5, Lew. 14:21, Faru. 72:13, 82:3, 113:7, Fak. 19:17, 21:13, 28:3;8, 29:7;14). Isaaniin kan gargaaran, qabatamaatti Waaqa isaanii gargaaraa jiru (Yesus waa'ee firdii dhumaa Matt. 25:31-46 irrarri kan inni dubbate ilaali).
Sagalee kanaan gosa namoota mul'atanii.

1. Haadha hiyyeessaa(dubbartoota abbaan manaa irraa du'ee) (Bau. 22:22, Kes. 10:18, 24:17-18, 27:19, Faru. 68:5)
2. Ijoollee haatii fi abbaan irra hin jirree (ijoollee warra du'anii)
3. Galaa biyya ormaa (namoota biyya kan biraa dhaa dhufan) (Lew. 19:33-34, Bau. 22:21-22, Kes. 24:17-18, 27:19)
4. Jaamaa/naafa
5. Hawaasa keessatti dadhaboota kan ta'an (dhaala kan hin qabne)
6. Rakkatoota (jireechuuf waan bu'uura ta'ee kan hin qabne - nyaata, mana, hojii, k.k.f.…)

Duuka buutuu amanammaa YHWHtiif maal akka godhu hubadhu (hiyyeessa gargaaruun waan tokko, garuu asiitti guutummaa seeraaf dhaabbateera).

1. YHWHn guyyaa rakkinaatti ni fayyisa
2. YHWHn ni eega
3. YHWHn jireenyatti jiraachisa
4. "Eebbifamaa" jedhamee waamama (MT IMPERFECT qaba garuu beektooni Masoretikii kan isaan yaadan PERFECTWaaw wajjin kan fooyya'e akka ta'eetti, hiikni isaa hin jijjiramu)
5. YHWHn dinoota isaatti dabarsee hin kennu
6. YHWH yeroo dhukkubaatti isa hirkisa
7. YHWHn fayyummaa isaa deebisaaf

Hundumtuu gochamoota kan ibsan kan Waaqayyoo itti fufeenya kan qabu gocha qaba, jireenya hundumaa keessatti.

Labsi walii galaa kana ogummaa og-barruu irratti hubadhu. Kunis akka abdii godhame fudhatamuun irra hin jiraatu, namoota hundumaa, yeroo hundaa akka ilaalatu, hiyyeessa kan gargaaru. Kun labsii walii galaati. Kunis yeroo baay'ee dhugaa dha, garuu yeroo hundaa fi tokkoon tokkoon hin ta'u. kan nuyi jiraannuu addunyaa kufe keessa!

Kun kan Matihoos 7 labsii fooyya'adha. Inni tokkoo jireenya isaa akkamitti akka jiraatu, akkamitti akka dubbatu, qabeenyaa fi jireenya isaa akkamitti akka ramadu, xiyyaafannoo jalqabaa garaa isaaf kenna!

**41:2 "Lafa irratti"** jecha Ibirootaa "Lafa" (BDB 75) jechuu kan danda'u

1. Dirree
2. Ganda
3. Biyya
4. Bakka
5. Addunyaa dha

Mata-duree addaa ilaali Faru. 1:2 irratti. Akkaata haala barreefamichaa qofa dha dubbachuu kan inni danda'u. Ani amanuu danda'eera Bernaardi Raamiin, ilaalcha kristaanaa kan saayinsii fi qulqulluu sagalee isaa jechuun kan Uumama 6-9 bishaan badiisaa kan naannoo ture, fayyadama jecha kanaa irraan kan ka'e, akaataa haala barreefamaa kanaan. Komeenteerii (yaada bal'aa koo) illaali Uumama 1-11 irratti sarara web sayitii bilisaan www.freebiblecommentary.org.

## MACAAFA FAARFANNAA: 41:4-9

**[4]Ani immoo, “Yaa Waaqayyo, anaaf oo’I,**
**Ani si duratti cubbuu hojjedheera, na fayyisi!”**
**Jedhee kadhadheera.**
**[5]Diinonni koo hamaa ana irratti in dubbatu,**
**Inni yoom du’a, maqaan isaas yoom lafa irraa**
**Bada?” in jedhu.**
**[6]Namni ana ilaaluu dhufu, sobee anaa wajjin in**
**Haasa’a, garaa isaatti immoo dubbii hamaa kuufatee**
**Karaatti a’ee isa in odeessa;**
**[7]Warri ana jibban hundinuu waa’ee koo walitti in hasaasu,**
**Wanta hamaa yaadani ana irratti in qopheessu.**
**[8]Isaan, “Dubbii gadheetu isa irra ga’e, lafa cisees deebi’ee**
**Hin ka’u” in jedhu.**
**[9]Namni garaa kootii, inni ani amanadhe, inni buddeena koo**
**Nyaate illee ana dhiituuf miilla ol fudhate.***

**41:4-9** Aanguuwwan kun walitti dhufeenya loojiiki hin ilaalanne. Ta’uu kan danda’u, barreessichi lak. 1-3 akka gosa ibsameetti, ta’us garuu jireenyi isaa rakkina keessa, sababa miidhaan kan biraa irra gaheef. Ifatti akka mul’atu, cubbuu hojjechuu isaa fudhateera (lak. 4). Baay’een isaanii kan kitaaba 1 faarfannawwan dhumaa irratti (Faru. 1-41) dhiifama cubbuu yookiin beekamtii eeru.

Rakkinoonni baay’een eeramaniiru.

1. Inni qaamaa fi hafuura isaan dhukkubsateera
2. Dinoonni isa arrabsan jiru (maqaa isaa kan balleessan) (lak. 5-7)
3. Isaanis isa irratti hameenya yaadaniiru (lak. 7-8)
4. Dinoonni isaa yeroo tokko hiriyoota isaa dhi’oo turan (lak. 9, Faru. 35:11-16, 55:12-13, 20). Kunis Yohaannis 13:18 irratti eerameera, waa’ee Yihuudaan Yesuusiin gane.

**41:7 “Narratti gungummu”** gochamni kun (BDB 538, KB 527, *Hithpael* IMPERFECT) abaarsaaf/eebbaaf faayidaa irra ooluu danda’a (Faru. 58:5, Lalaba. 10:11, Isa. 3:2-3) yookaan cufamaa abbaa sagalee namoota dubbatan ta’uu danda’u akka hin dhageenye (2Sam. 12:19) yookaan sagalee gadi jedhaa, kadhannaa irratti (Isa. 26:16).

Akkaataa haala barreefamaa kana irratti abbaarsa kan eeru yoo ta’e, lak. 8 bu’aa isaati.

**41:8**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“wanti hamaan narratti dhangalla’e”** |
| **NKJV** | **“dhukkuba hamaa, jedhan isaan, qabeera”** |
| **NRSV** | **“isaan ni yaadan, wanti nama ajjeesu itti maxaneera”** |
| **TEV** | **“isaan jedhan, dukkuba nama ajjeessun dhukkubsataniiru”** |
| **NJB** | **“dhukkubni nama ajjeessu isa biteera”** |
| **REB** | **“wanti hamaan irratti bu’eera, jedhan isaan”** |

“Hamaa” jechi jedhu (BDB 116) booda irratti jedheera waamama jedhuun (Kes. 13:13, 2Qor. 6:15). Innis faayidaa irra kan oolee bifa baay’eedhaan, fakkeenya fooyya’aa kan ta’u 1Sam. 1:16, 2:12, 25:17.

Fayyadamni isaa asitti kan inni fakkaatu fakkeenya fakkiiduu dhukkubaati, isaan akka ilaalanitti YHWH irraa kan ergame, sababa cubbuu faarfattichaatiin (Iyoob sadii irratti hiriyootni isaa). Kan isaa gochawwan YHWH garuu 41:10-12 irratti kan argisiisu jechama isaanii soba/maqaa balleessuuf akka ta’ee dha.

**41:9 “Ana irratti koomee isaa kaase”** kun gocha loogii aadaa (dubbusni wal cinaa jiraachuu dhiisuu isaa hubadhu) kan inni dhufee tokkummaa irraa/nyaata kakuu booda dha (Uma. 26:28-30, 31:51-54, Bau. 12:18, 24:5, Faru. 69:23).

kana ilaaluu kan danda’u akka

1. Gocha hameenyaa/fincilaa ti, faarfaticha irratti (jechuun, milaan micirisuu)
2. Gocha arabsoo, qaamaan kan ibsamu. Giddu galeessa bahaatti ammas yoo ta’ee arabsoo cimaadha, inni tokkoo kopheen gadii ta’uu isaa argisiisuudhaaf.

Tuffii argisiisuun isaa baay’ee kan tuqamee dha lammaan gidduu kan kan jiruu walitti dhufeenya ifaa ta’ee irraan kan ka’e.

▣ **“Fira dhi’oo koo”** kun akkuma jirutti “Namni nagaan jijjiramee kan Biliyaal (hamaa) mucaa kan ta’e” jechuu dha (lak. 8a)

## MACAAFA FAARFANNAA: 41:10-12

**10Yaa Waaqayyo, ati faara anaaf toil, dinoota kootiif**
**Dugda akkan baasutti lafan ciisee ana kaasi!**
**11Yeroo diinonni kooo sagalee mo’ichaa ana irratti**
**Dhageessiisuu dadhaban, anatti gammaduu kee ani**
**Kanaan nan beeka.**
**12Ani balleessaa malee waanan argamuuf ati ol**
**Qajeelchitee na qabda, bara baraanis of dura na dhaabda.**

**41:10-12** lakkoofsa 4 irratti gaaffiiwwan lamatu turan (IMPERATIVES).

1. Natti haraarami - BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE
2. Lubbuu koo fayyissi (Neefash, Faru. 3:2 irra yaadannoo jiru ilaali) - BDB 950, KB 1272, *Qal* IMPERATIVE

Egaa anguu itti aanuun IMPERATIVES lamaa fi COHORTATIVE tokkotu jira.

1. Akka kan irraa lak. 1 wal fakkaataan, 41:4
2. Na kaase - BDB 877, KB 1086, *Hiphil* IMPERATIVE (gaafiin wal fakkaataan, kan adda ta’e garuu gochama wal cinaan lak.2 kan irraa), 41:4
3. Akka isaan deebisuuf - BDB 1022, KB 1532 *Piel* COHORTATIVE;, faarfattichi ni fedha firdiin Waaqayyoo meeshaa akka ta’uuf

Fayyinni ragaa mul’atu ta’a, YHWHn kadhata isaa dhaga’uu isaa fi deebii kennuu isaa. Innis dhugumatti kan argamu argamuu YHWH miti faarfatticha kan gammachiise, ta’us garuu

1. Innis mallattoo YHWH gammachiisuuti (BDB 342, KB 339, *Qal* PERFECT) isaan
2. Yaahiwween isa utubeera (BDB 1069, KB 1751, *Qal* PERFECT Faru. 63:8) qajeelummaa isaa (BDB 1070). Jechuun qulqullummaan isaa (Faru. 25:21, 101:2, 10:9, 19:1 20:7, 28:6)
3. YHWHn jiraachiseera (BDB 662, KB 714, *Hiphil* IMPERFECT Waaw wajjin) argamuu isaan (jechuun, godoo bultii/mana qulqullummaa, Faru. 16:11, 23:6, 27:4-6) bara baraan (mata-duree addaa ilaali Faru. 9:5 irratti).

## MACAAFA FAARFANNAA: 41:13

**13Waaqayyo gooftaan Israa’el, maqaan isaa baraa**
**Hamma bara baraatti haa eebbifamu! Ameen! Ameen*!**

**41:13** Kun kan waaqeffannaa galataa kan ittiin cufanii dha (Faru. 72:18-19, 89:52, 103:19-22, 106:48, 150:6). Inni tarii ka’umsa irraa kan faarfannaa 41 qaama ta’uu dhiisuu danda’a, ta’us garuu kitaabni jalqabaa Faru1-41) kan faarfannichaa.

1. Faarfannaa 72:18-19 kitaaba II cufa
2. Faarfannaa 89:52 kitaaba III cufa
3. Faarfannaa 106:47-48 kitaaba IV cufa
4. Faarfannaa 150:6 kitaaba V cufa

▣ **"Ameen, amen"** mata-duree addaa ilaali asi gadi kan jiru.

## MATA DUREE ADDAA: AMEEN

**I.** KAKUU MOOFAA

A. Jechi "Ameen" jedhamu jecha Ibruu armaan gadii irraa argame
   1. "dhugaa" (emeth, BDB 49)
   2. "amanamummaa" (*emun, emunah*, BDB 53)
   3. "amantii" ykn "amantiin guutuu"
   4. "abdannaa" (*dmn*, BDB 52)

B. Saayinsiin maddaa fi seenaa isa adubbatu dhaabannaa qaamaa dhaabbataa nama tokkoo irraayi. Faakaan isaa nama tokko kan dhaabbataa hin taane, miliqaa/mucucachaa jiru (cf. Kes. 28:64-67; 38:16; Far. 4:2; 73:18; Er. 23:12) ykn gufachaa jiruudha (cf. Far. 73:2). Itti fayyadama jechaa fi jechaa kanarraa bakka buusni dheeressuu amanummaa, abdatamummaa, amanamuu, fi of danda'uu ni dagaagse (cf. Uma. 15:16; An. 2:4).

C. Itti fayyadamtoota addaa:
   1. utubaa, 2Mot. 18:16 (1Xim. 3:15)
   2. wabii, Ba'u, 17:12
   3. amanamaa, Ba'u 17:12
   4. dhaabbataa, Isa. 33:6; 34:5-7
   5. dhugaa, 1Mot. 10:6; 17:24; 22:16; Fak. 12:22
   6. jabaa 2Sen. 20:20; Isa. 7:9
   7. abdachiisaa (Torah), Far. 119:43, 142,151,168
   8.

D. Kakuu Moofaa keessatti jechoonni Ibruu kan biroo lama amantii isa si'aawaadhaaf faayidaarra oolani.
   1. *Bathach* (BDB 105), abdii
   2. *Yra* (BDB 431), soda, kabaja, sagada (cf. Uma. 22:12).

E. Miira abdannaa ykn amanannaa irraa itti fayydamni kadhannaa mana sagadaa ibsi kan biraa isa dhugaa ykn amanamaa akka ture ragaasisuuf dagaage. (cf. Kes. 27:15-26; Nah. 8:6; Far. 41:13; 70:19; 89:52; 106:48).

F. Jecha kanaaf furtuun ti'oolojii amanamummaa dhala namaa otuu hin ta'in, kan YHWHti waadaa Isaati. Kanneen YHWH beekan akkuma Isaa ta'uu qabu (cf. An. 2:4) Macaafa Quqlulluu galmee seenaa fi fakkii Isaa Waaqayyo Uma. 1:26-27). Fayyinni dandeettii dhala namaa akka Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya cimaa qabaatu ni supha. Kanumaa fi kan nuyi uumamneef.

**II.** KAKUU HAARAA

A. Itti fayyadamni jecha "amneenii" akkuma raggaasisa kadhannaa mana sagadaa ibsa amanamummaa ibsa tokkoo of keessatti hammatu Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. 1Qor. 14:16; 2Qor. 1:20; Mul. 1:7; 5:14; 7:12).

B. Itti fayyadamni jechichaa kadhataa tokkoof akka xumuraatti fayyaduun isaa Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. Rom. 1:25; 9:5; 11:36; 16:27; Gal. 1:5; 6:18; Efe. 3:21; Fil. 4:20; 2Tas. 3:18; 1Xim. 1:17; 6:16; 2Xim. 4:18).

C. Ibsoota adda ta'an beeksisuuf jechichatti (yeruma hunda Wangeela Yohaannis keessatti dacha gochuudhaan) kan itti fayyadame Yesus qofaadha (cf. Luq. 4:24; 12:37; 18:17,29;

21:32; 13:43)

D. Inni Mul. 3:14 keessatti Yesuusiif akka aangootti faayidaarra oole (Isa. 65:16 irraa aangoo YHWH ta'uu ni danda'a).

**E.** Qabiyyeen amanamummaa ykn amantii, abdannaa, ykn abdachuun jecha Giriikii Pistos ykn pistis, isa Afaan Oromootti akka "abdii", "amantii" amanannaatti hiikamu keessatti ibsamee jira.

## GAAFFIILLEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Lakkoofsi 1A eenyuun ibsa?
2. Cubbuu fi dhukkubni akkamitti walitti dhufu?
3. Lakkoofsi 7 kan inni argisiisu gungummii fi maqaa baleessuudha yookiis abarsaa fi eebbaa?
4. "Wantootni hamoon" maaliidha, lak. 8 irratti?
5. Lakkoofsi 9 akkam godheetti kakuu haaraa irratti faayidaa irra kan inni oole? Tokkuumaan isaas maalii dha?
6. Faarfattichi lak. 12 irratti sirriitti kan inni mirkaneessuu maaliidhaa? Maaliidha kan inni barbaade?
7. Lak. 13 faarfannichi kutaa kan hin taaneef maaliif?

# FAARFANNAA 42

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Yeroo rakkinaa fi dhiphinaa Waaqayyoon amanachuu | Rakkkina keessa Waaqayyoon abdii godhachuu | Kadhata fayyinaa rakinaa fi yeroo qophaa'uu | Nama hariyatama irra jiruuf kahachuu | Rakkina Lewii isa qoromsa irra jiruu |
| Seensa MT kan qabu angafa farffattoottaaf barsiisa ilmaan Qoree | | 42:1-3 | | 42:1 |
| | 42:1-3 | | 42:1-3 | 42:2 |
| | | | | 42:3 |
| 42:1-4 | | 42:4-5c | | 42:4 |
| | 42:4 | 42:5-6a | 42:4-5 | 42:5-6c |
| | 42:5 | 42:6b-8 | | 42:6b-d |
| | 42:6-8 | | 42:6-8 | 42:7 |
| 42:5-8 | | | | 42:8 |
| | | 42:9-10 | | 42:9 |
| | 42:9-10 | | 42:9-10 | 42:10 |
| | | 42:11 | | 42:11 |
| 42:9-11 | | | | |
| | 42:11 | | 42:11 | |

**DUBBISA MARSAA SADA  (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Lakkoofsi jalqabaa yeroo hundumaa gadi fageenyaan kan natti dbbatu. Kanadha walitti dhufeenyi dhuunfaa yaada isa guddaa ta'uun kan irra jiraatuuf. Ta'us garuu walitti dhufeenyi guddaa illee yoo ta'e rakkinoonni, dhukkubni, miidhaan hamaan hin ta'an jechuu miti. Abdiin guddaan rakkinoonni jiraachuu dhiisuu miti, argamuu isaati malee, (Faru. 23:4, 16:8).

B. Faarfattichi ari'atama irra akka jiruun yaada.
   1. Gara mana qulqullummaa deemuu hin dandeenye, lak. 4
   2. Kanaaniin yaadeera, lak. 6
   3. Warra isa booji'aaniin sodaachiifamuun irra ga'eera, lak. 3, 10 (Faarfannaa 137, innis immoo faarfannaa ari'atamaa kan ta'e) . kan NASB qayyabannaan kitaaba qulqulluu(fuula

781) yaada nama harkisu qaba, jechuun faarfattichi kan warra Qoree Leewotaa ta'u isaan, Sooriyaadhaan booji'ame. Innis werara Sooriyaatiif fakkeenya tokko ta'a (Fak. 2Mot. 12:17-18). Kan warra Qoree Israa'elonni bakka kaabaa jiraatu turan (Isa. 2:4,9-19). Kunis hubachiisuu kan danda'u

1. Yaad-rimee arri'annaa
2. Bakkawwan lafa gaarii kaabaa, lak. 6 irratti

C. Gaalee irra deddeebi'amaa "abdii kutachuu irratti" ("Gatuu," BDB 1005, KB 1458, Hizpoleel (kan hin xumuramne) yeroo sadii ta'eerawalaloo gabaabaa kana irratti, lak. 5, 6, fi 11. Faarfattichi keessattis (lak. 5) alaanis (lak. 10) miidhameera.

Dabalataanis lak. 5 fi 11 irra deebbi'amuu isaanii ilaali, jijjirama muraasa qofaan. Lakkoofsa wal fakkaataan irra deebbiin dabalataan ta'a Faru. 43:5 irratti, isaan faarfannawwan kun walitti dhi'oo qabaachuu kan argisiisu, tarii faarfannaa tokko ta'u (kitaaba yaadannoo UBS, fuula 398)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 42:1-4

**1 Borofni akkuma bishaan yaa'uu argachuu yaadu,**
**Lubbuun koos akkasuma si yaaddi, yaa Waaqayyo!**
**2 Lubbuun koo Waaqayyoon immoo, Waaqayyoon isa**
**Jiraataa akka bishaanii in dheebotti; yooman dhufa,**
**Waaqayyo koo durattis yooman argama*!**
**3 Namoonni guyyuma guutuu "Waaqayyo kee eessa jira?"**
**Anaan in jedhu; kanaafis guyyaa fi halkan**
**Imimmaan soora anaaf in ta'e*.**
**4 Ani tuuta anaa wajjin, saba ayyaaneffachaa ture wajjinis,**
**Sagalee gammachuu guddaa fi faarfannaa galataatiin,**
**Tooraan gara mana Waaqayyootti attamitti akkan adeeme,**
**Nan yaadadha yeroon kana yaadadhuf lubbuun koo na keessaa in sokka*.**

**42 :1-4** Aanguu kana irratti tokko ajaa'ibsifachuu danda'a, rakkoon isaa maal akka ta'e.

1. Faarfattichi akka Waaqayyo irraa citeetti itti dhaga'ama
2. Faarfattichi mana qulqullummaatti waaqessuu hin dandeenye (lak. 4B; C)
3. Amantiin faarfattichaa falmii godhateera, amma haala irra jirun (jechuun, ari'atama) warra isa cunqursaniin sodaachisamuu (Lak. 3; 10, 115:2)

Akkaata haala barreefamichaa ilaali, b.

**42:1**
**NASB, NKJV "akka yaadu"**
**NRSV, TEV,**
**LXX, REB "akka yaaduu"**
**NJB "akka hawwu"**
**JPSOA "akka hiyyu"**

Gochamni kun (BDB 7888, KB 881, *Qal* IMPERFECT) yeroo sadii qofadha kakuu moofaa irratti kan inni argamu, yeroo lama asittii fi yeroo tokko Iyu'eel 1:20 irratti, innis bineensa dagalaaf faayidaa irra kan oole.

Inni hiikee kan faarfatichaa xiyyaafannooo fedhii guddaa Waaqayyooti (Faru. 63:1) yookaani fedha isaati mana qulqullummaatti guyyaa ayyaanaatti ta'uudhaaf (42:4)? Akkan yaadutti lak. 2 haala barreefamaa fooyyaa'a wajjiin wal sima.

▣ **"Lubbuu"** kun jecha Ibirootaa Nefiish dha (BDB 659, 42:2; 4; 5; 6; 11). Yaadannoo ilaali 3:2 irratti. Innis ciigoodha of eeruudhaaf.

▣ **"Waaqa jiraataa"** kun wal jijjiraa jechaati

1. Jiraate (gochama, חיה BDB 310)
2. Jiraataa (חי, addeessa, BDB 311 I)
3. YHWH (יהוה , BDB 217, maqaa kakuu og-waaqummaa, Uma. 2:4 mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti)

YHWH qofaa isaa jiraataan, Waaqni bara baraan jiraatu, (mata-duree addaa ilaali, tokkummaa (Waaqa tokko) Faru. 2:7 irratti). Kan hafaan hunduu kan isaan jiraatan isaan, isa irraa fi isaaf (Faru. 18:46). Kun Waaqa Israa'eel akka "jiraataa" amala kennuufii, waaqa tolfamaa wajjin wal faalleessa, jaamaa irraa, duudaa, fi beekamtii kan hin qabnee wajjin (Isa. 4:9-20, Imb. 2:18-19).

2. Haadha manoota kan biroo/dubartoota kan biroo
3. Moot itti (jecha hin baratamne, BDB 993, Nah. 2:6)

## MACAAFA FAARFANNAA: 45:10-12

**[10]Dhaga'I yaa intalo, as ilaali, gurra kees as qabi,**
**Namoota kee, mana abbaa kees irraanfadhu!**
**[11]Mootichi miidhagummaa keetiif si hawwa, inni**
**Gooftaa kee waan ta'eef, ati ulfina isaaf kenni!**
**[12]Namoonni Xiiroosii fi sooressonni biyyaa,**
**Harka-fuudhaa isaanii fidanii sitti dhi'aachuu**
**In barbaadu.**

**45:10-12** Aaguun kun kan inni argisiisu gaa'illichi dubartii ormaa wajjin ta'uu isaati, innis kan inni wal simu
1. Daawit - Bershaabee Yihuudii kan hin taane
2. Solomoon - dubartii ormaa baay'ee wajjin (1Mot. 11:1-8)

3. Akaab - Elzaabeen kan fuudhe, mootitti Xiroos (lak. 12 ilaali)

**45:10** Lakkoofsi kun IMPERATIVES afur qaba.

1. Dhaga'I - BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE
2. Xiyyaafadhuu (" ilaali") - BDB 906, KB 1157, Qa*l* IMPERATIVE
3. Gurra kee as qabi - BDB 639, KB 692, *Hiphil* IMPERATIVE,Fak. 22:17
4. Firoota kee hir'aanfadhu - BDB 1013, KB 1489, *Qal* IMPERATIVE

## MACAAFA FAARFANNAA: 45:13-15

**[13]Intallii mootii uffata warqeedhaan kuulame uffattee,**
**Ulfinaan diinqa ishee jirti;**
**[14]Uffata ishee isa kuula baay'ee baay'ee qabuun gara**
**Mootichaatti in geeffamti, durboonni ishee geggeessanis**
**Ishee wajjin gara isaa in dhaqu;**
**[15]Yemmus isaan gammachuu fi ililleedhaan geggeeffamanii,**
**Mana mootichaatti ol in galu.**

**45:13:15** Kun kan inni argisiisu hafeerraa cidhaati, dubartoota baay'ee wajjin "durbummaa"). Haadhamanoota kan biroo (moototii ala) "ijoollee dubaraa" jedhamuun waamamu. (Lak. 9; 10; 12; 13).

Aanguun kun waldaa kristaanaatti kan hafuuraa akka ta'u godhameera, ishee argisiisuudhaaf! Kunis immoo weedduu weeddootaa irratti godhameera (walaloo jaalalaa).

**45:14**
**NASB, NKJV** **"keessaa"**
**JPASOA** **"keessatti"**

MT "keessaa" (פנימה BDB 819, LXX), garuu beektootni tokko tokkoo kan isaan yaadan "gati jabeessa" ( BDB 819, Iyoob. 28:18, Fak. 3:15, 8:11, 31:10, Faru. Erm. 4:7).

Pirojektii barreefamaa UBS MT iif sadarkaa "A" kenna.

## MACAAFA FAARFANNAA: 45:16-17

**[16]Ilmaan kee iddoo abboota kee in bu'u,**
**Ati lafa hundumaatti akka isaan biyya mo'an in goota;**
**[17]Dhalootaa hamma dhaloota hundumaatti, maqaan kee**
**Galataan akka yaadatamu nan godha; kanaafis namoonni**
**Lafa irraa yeroo hundumaa bara baraan si jajatu.**

**45:16-17** Yaadannoo barreefamaa UBS, fuula 429, guduunfaa gaarii qaba.

> "Abbaa ciigoo waa'ee mootichaa dubbachuudhaan ni xumura, ijoolleen baay'een akka jiraatan abdii kennuuf, isaanis akka abboota isaanii, mootota ta'aanii addunyaa hundumaa akka bitan."

Lakkoofsa 17 karaa ittiin mirkaneefatamuu dha, faarfannaan kun naannoo yeroo dheeraa ta'uu isaan, kanaaf mooti jireenyatti jiraatu yaadannoo kan qabatee dha.

### GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Kun faarfannaa cidhaa mootii akka ta'eetti maaliif yaadame?
2. Lakkoofsi 6 kan inni argisiisu waa'ee mootummaa Israa'eelii?
3. Misirittiin Israa'eel irraa akka hin taaneetti maaliif yaadame?
4. Lakkoofsa 16-17 qooqa mataa keetiin ibsi.
5. " " Mul'isiiti ibsi Ibiroota 1:8-9 akkamitti akka itt fayyadame.
6. Faarfannaan kun maaliif Masihicha jedhamee yaadame?

# FAARFANNAA 46

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo sabasaaf irkoo<br>Seensa MT kan qabu<br>Angafa faarffattootaaf faarsaa ilmaan Qoree, Alamooziif kan qindaa'ee faarsaa | Waaqayyo irkoo sabasaa ormoota kan moo'uu | Faarsaa Xiyoon moo'icha Waaqayyoo walii galaa ormoota irratti kabajuuf | Waaqayyo nuu wajjin | Waaqayyo nuu wajjin |
| 46:1-3 | 46:1-3 | 46:1-3 | 46:1-3 | 46:1-3ለ |
| | | | | 46:3ሐ |
| 46:4-7 | 46:4-6 | 46:4-7 | 46:4-6 | 46:4-6 |
| | 46:7 | | 46:7 | 46:7 |
| 46:8-11 | 46:8-9 | 46:8-11 | 46:8-10 | 46:8-10 |
| | 46:10 | | | |
| | 46:11 | | 46:11 | 46:11 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun kennaa qulqulluu sagaleeti galata Maartiin Luteeriif, “daanoo jabaa dha Waaqni keenya.”

B. Yoomessa seenaa beekamaa hin qabu.

C. Waaqayyo lamaanuuti
   1. Daannoo baqannaa (7; 11)
   2. Lolaa innis lafa hundumaa irratti lola akka dhaab kan godhu (lak. 9)
   Ta’us, eebba guddaa kan ta’u humna isaa miti, ta’us garu
   1. Argamuu isaa

2. Kaayyoo isaa hundumaa (lak. 10, mata-duree addaa ilaali, karoora oolchu bara baraa Waaqayyoo, faarfannaa 2 seensa irratti)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 46:1-3

**1 Waaqayyotti nuyi kooluu in galla, inni humna keenya,**
**Inni rakkina keessatti gargaaraa ta'uun isaa beekameera.**
**2 Kanaaf lafti yoo diddiiramte iyyuu, tulloonnis urgufamanii**
**Galaana walakkaa yoo buufaman iyyuu, nuyi hin sodaannu.**
**3 Bishaanonni isaa huursanii yoo hoomachaa'an iyyuu,**
**[Waaqayyo gooftaan maccaa nu wajjin jira, Waaqayyo**
**Inni kan Yaaqoob da'oo keenya*!]**

**46:1 "Waaqa"** Kitaabni faarfannaa inni lammaffaan Helohimiin fayyadama, YHWH caala. Mata-duree addaa ilaali, maqaa og-waaqummaa, Faru. 1:1 irratti.

▣ **"Iddoo baqaa fi humna keenyaa"** Isaan kun yeroo hundumaa Waaqayyoon kan ibsanii dha (Faru. 14:6, 18:1-2, 40:17, 62:7-8, 142:5).

**46:2-3** Faarfattichi amantii mirkaneessa (jechuun, "hin sodaadhu," Faru. 23:4, 27:1) rakkoo heedduu gidduu osoo jiruu.

1. Ammam illee laftii yoo raafamte
2. Ammam illee gaaroonni gara galaanaatti yoo gadi bu'an
3. Bishaanoonis yoo iyyan (BDB 242, המה ) fi yoo raafaman (BDB 330 I, חמר , jijjiramuu sagalee)
4. Gaaroonnis humna isaa irraan kan ka'e yoo raafaman

Kan akka kanaa halloota badiisaa argisiisuu kan danda'an

1. YHWHn gara uumama isaatti yeroo dhiyaatu maal akka ta'u (jechuun, "Ni baqa," Faru. 46:6 B, 98:7-9, Mikiyaas 1:4)
2. Rakkoo fakiiduu (jechuun, "Bakkawwan dhiphinaa," BDB 865 I, maqaa dhalaa, Kes. 31:17;21, 1Sam. 10:19, Faru. 71:20, Fak. 1:27)

**46:3** lakkoofsi kun kan hin xumuramne sadii qaba (jechuun, gocha adeemsa irra jiru).

1. Iyya bishaanootaa - BDB 242, KB 250, sagalee
2. Fincaa'aa bishaanootaa - BDB 330, KB 330, sagalee
3. Gaaroonnis ni raafaman - BDB 950, KB 1271, sagalee

Qayyabannaa kitaaba qulqulluu Hiyuudii (fuula 1333) kan jedhu "kun qooqa himteeti gara aadaa warra Kanaa'aanitti deebi'ee kan deemuu dha. Isaan himteewwan kun argamuu isaaniin dura, faarfannaan yeroo hundumaa wal qabataa kan ture raawwi lolaa wajjin ture (Raashi fi Raadaak)."

Aanguun kitaaba qulqulluu (AB) faarfannaa irratti kan Miticheel Daawod, og-barruu Raas Shaamiraa fayyadameera, Ugaaritti irratti kan argame, ciigoo Ibirootaati, waa'ee aadaa fi waaqa tolfamaa warra Kanaa'an. Warri Israa'eel yeroo hundumaa fudhatu, waamama ormootaa, fakkeenyawwan, fi himteewwan, kanaaf bu'aa isaaniif Waaqa kakuu isaanii, YHWH, Waaqa dhugaa tokkoo galateeffachuuf (mata-duree addaa ilaali, tokkuummaa (Waaqa tokko) Faru. 2:7 irratti!

▣ **"Seelahi"** jechi isaa faarfannichi gara aanguu sadiitti qooda.

1. Lak. 1-3
2. Lak. 4-7
3. Lak. 8-11

Hiika harkifataa Faru. 3:2 irratti yaadannoo fi seensa faarfannaaf, VIII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 46:4-7

**4 Lagni bishaan isa mandara Waaqayyo gammachiisu**
**Tokko jira, mandarattiinis iddoo buufata aabbaa ishee**
**Qulqullooftuu dha*.**
**5 Waaqayyo ishee keessa waan jiruufhin sochootu, Waaqayyo**
**Ganameeffatee ishee in gargaara.**
**6 Sabni lafa irraa dheekkamanii in wacu, mootummoonnis in socho'u;**
**Waaqayyo sagalee isaa in dhageessisa, laftis in baqxi.**
**7 Waaqayyo gooftaan maccaa nuu wajjin jira, Waaqayyo**
**Inni kan Yaaqob da'oo keenya!**

**46:4-7** Aanguun kun kan inni ibsu Waaqayyoon marsee nagaa callisaa dha, lafti raafama guddaa irratti yeroo taateetti (jechuun, Mul'ata 4-5).

1. Laga utuu addaan hin citiin yaa'uu ("jal'isii bonee," BDB 625, Faru. 36:8, 65:9, Hiz. 47:1, Iyuu'eel 3:18, Zak.14:8, Mul. 22:1;17) "Magaalaa Waaqayyoo" (Faru. 48:1;8, 87:3, 101:8, Isa. 60:14, Mul. 3:12)
2. Magaalaan Waaqayyoo hin raafamtu (jechuun, hin urgufamtu) YHWHn gidduu ishee waan ta'eef (Hos. 11:9, Zak. 2:5, Ib. 11:10, 12:22, 13:14)
3. Waaqayyo ishee gargara Isa. 41:14) ganamaan ariifatee (fakkaatii sa'a guutuu ta'e, Faru. 5:3, 17:15, 30:5, 90:14). "Gargaarsi" kun kan inni wal qabatu "ormoonni ni raafaman" kan jedhu wajjini dha lak. 6a (gaalee wal fakkaataan lak. 3a Faru. 2). "Orma" irra deebiin eerameera, lak. 10B irratti. Kaayyoon Waaqayyoo yeroo hundumaa ormoota of keessatti qabata (mata-duree addaa ilaali Faru. 2 seensa irratti)!
4. Magaalaan Waaqayyoo hin raafamtu (jechuun, fakkaati jabinaa fi itti fufiinsaa)

**46:4B**

| | |
|---|---|
| **NASB, JPASOA** | **"bakkawwan iddoo bultii qulqulluu"** |
| **NKJV** | **"mana qulqullummaati bakka qulqulluu"** |
| **NRSV** | **"iddoo bultii qulqulluu"** |
| **TEV** | **"mana isaa qulqullaa'e"** |
| **NJB** | **"iddoo bultii isaa qulqulleesse"** |
| **LXX** | **"naannoo isaa qulqulleesse"** |
| **REB** | **"iddoo bulti qulqulla'aa"** |

MT (BDB 1015) qaba

1. Mana qulqullummaa - Bau. 25:9, 26:30, 38:21, Lak. 9:18; 22, 40:34-35 (jechuun, "godoo iddoo wal argee") , Faru. 78:60
2. Bakka iddoo bultii
   a. Kan Qoree (jechuun, godoowwan) - lak. 16:24; 27
   b. Yaaqoob - Faru. 87:2
   c. Kan YHWH (jechuun, mana qulqullummaa) - Faru. 26:8, 74:7
   d. Kan YHWH (garuu kan baay'ee, jechuun, naannoo mana qulqullummaati ijaarsawwan jiran) - FAru. 43:3, 84:1, 132:5;7, Hiz. 32:27

Kan lakkoofsa baay'ee kan inni argisiisu

1. Ijaarsawwan mana qulqullummaa jiran hundumaa
2. Baayina simboo isaa (jechuun, baay'ee kan qulqullaa'ee)

Hiikawwan irraa ilaalu dandeessu, tokko tokkoo “Qulqulluu” akka jijjiran (addeessa, BDB 872) “Mana qulqullummaa” gara gochama jedhuuti (LXX, Vaalgeet, NSB), innis jijjirama dubbifamaa qofa kan ta’e.

▣ **“Isa guddaa”** kun maqaa waamichaa og-Waaqummaati (Eli’oon, BDB 751 II, mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti) innis Uuma. 14:18-22, Lak. 24:15, fi Kes. 32:8 irratti faayidaa irra kan oole, ta’us garuu baay’inaan (yeroo 16) faarfannaa irratti, Daani’el 7 irratti (yeroo 4), hiikni isaa bu’uuraa “ol jedhaa” dha. Innis baay’inaan faayidaa irra kan inni oolu Israa’eel warra hin ta’iniin.

**46:6** Dhiibbaa gidduu isaa jiru hubadhaa

1. Ormoonni ni raafaman. Lak. 6A (bu’a qabeessa kan hin taane)
2. Sagalee YHWH, lak. 6B (bu’a qabeessa)
   “Ni baqan” gochamni jedhu (BDB 556, KB 555, jecha hin xumuramne) faayidaa irra oolu danda’a,
1. Fakiidummaan jabina diinaaf - Ba’u, 15:15, Iya. 2:9;11;24, Isa. 14:31
2. Fakkidummaan firdiif - Amos 9:5
3. Akkuma jirutti (jechuun, xumura biyya lafaa qulqulleessu) - 2Phex. 3:10

**46:7** Abdiin wal fakkaataan kun,

1. Gooftaan maccaa nu wajjin (Faru. 24:10, mata-duree addaa ilaali: maqawwan og-waaqummaa Faru. 1:1, Lak. 14:9, 2Sen. 13:12)
2. Waaqa Yaaqoob iddoo baqaa keenyaa (Faru. 9:9, 48:3, 59:9;16;17)

Lakkoofsa 11 irratti irra deebi’ameera, mirkanneessuuf! Isaan labsiwwan kun abdii faarfattichaa fi Yaahiwween kakuu inni saba isaaf galee dha.

▣ **“Nuu wajjin”** kun abdii isa guddaa dha (Lak. 14:9, I1Sen. 13:12, Faru. 9:10, 37:28, 94:14, Ibr. 13:5 [Kes. 31:6, Iya. 1:5]). Waaqayyo nu barbaachiisa!

## MACAAFA FAARFANNAA: 46:8-11

**8Kottaa, wanta Waaqayyo hojjetu, badiisa isa sodaachisaa**
**Inni lafatti fidus ilaalaa!**
**9 Inni hamma andaara lafatti duulli akka dhaabatu in godha,**
**Iddaa in cabsa, eeboos in hurreessa; Inni konkolaataa harkifamu**
**Ibiddaan in guba*!**
**10Dhiisaa gab jedhaa, Ani Waaqayyo akkan ta’e beekaa!**
**Ani saba lafa irraa gidduutti ol kaafameera!”**
**11Waaqayyo gooftaan maccaa nuu Wajjin jira,**
**Waaqayyo inni kan Yaaqoob da’oo keenya!**

**46:8-11** Aanguun kun kaayyoo Waaqayyoo mul’isa. Lammanuu IMPERATIVES lak. 8 fi kan lakkoofsa 10 wal cinummaa hubadhu.

1. Kottaa - BDB 229, KB 246, jecha xiyyaafataa, lak. 8
2. Kunnoo (“Ilaalaa”) - BDB 302, KB 301, *Qal* IMPERATIVE,, lak. 8, Iyoob 23:9, Faru. 63:2, Isa. 26:11, 33:17;20, 48:6
3. Nii dhaabachiisa (YHWHn ni dubbata lak. 10 irratti) - BDB 9:51, KB 1276, *Hiphil* IMPERATIVE lak. 10 (jechuun, lola akkaataa haala barreefamichaa akka dhaabbuuf kaayyoo waamiichaa godhamee ha)
4. Beekaa - BDB 393, KB 390, *Qal* IMPERATIVE, lak. 10 (jechuun, fayyisuu fi humna YHWH, kun akkaataa og-waaqummaatti, kun akkaataa og-waaqummaatti lak. 2 wajjin wal cinadha 2)

YHWH lolli hunduu hanga daangaa biyya lafaatti akka dhaabbatu ajajeera! Guyyaan haaraan dhufaa jira (jechuun, angafa nagaa, Isa. 9:6, 66:12, Yoha. 14:27, 16:33, 20:19). Waaqa haraaraa uumaaf guyyaa ulfinni itti kennamu. Warri waaqa hin beekne hunduu beekamtii kennuuf (Isa. 2:2-4, 25:6-9, 56:6-8, Efe. 2:11-3:13). Mata-duree addaa ilaali, karoora oolchuu YHWH hundaa, Faarfannaa 2 seensa irratti.

**46:8 "Badiisa"** TEV "Waan Waaqayyo godhee kottaa ilaalaa. Lafa irrati waan ajaa'ibsiisaa inni godhe ilaalaa" kan jedhu qaba. "Badiisa" jechi jedhu (BDB 1031 I) farfannaa irratti yeroo lama faayidaa irra ooleera (Asitti 73:19 irratti), achittis badiisa ibsuudhaaf.
Ba'uun ta'iiwwan "wantoota ajaa'ibsiisoo" jedhamuun waamamu (mata-duree addaa ilaali Faru. 9:1 irratti), badiinsi loltuu amallii isaa akkasuma. Jechi isaa yeroo hundaa kan inni raawwatu Ermiyaas irratti (yeroo 24) kanaaf hunduu kan isaan ibsan badiisa, jeequmsa, diigamuu dha. Walummaa galatti YHWH n lola nii dhaaba, humna lolaa warra ormaa mo'icha argachiisuuf (Lak. 9, Faarfannaa 2).

**46:9**
**NASB, NKJV** **"gaarii"**
**NRSV, TEV**
**NJB, REB**
**LXX** **"gaachanawwan"**
**JPESOA** **"gaariwwan"**

Kan Ibirootaa gochamni hundee amansiisummaa hin qabu

1. "Geengoo" - BDB 222, עגול עגל (DSS, "gaachana geengoo," 1Kiwu'em 6:15)
2. "Gaarii deemuu" - BDB 722, (MT irratti akka gaarii lolaatti raawwate hin jiru)

Akkaata haala barreefamaa kanaan "Gaachanni geengoon" fooyya'aa kan wal simu ta'a.

**41:11** Xiyyaafannoo wal cinaa addunyaaleessaa qabateera! Magaalatiin ajaa'ibsiifamtuun hundumaaf (jechuun, Yerusaaleem ishee haaraa, Mul'ata 21-22!)
"Lafa" (46:2; 6;8;9; 10) mata-duree addaa ilaali Faaruu 1:2 irratti.

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajeelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Lakkoofsa 2-3 irratti fakkeenyi jiru tahiwwaan bara dhumaa yookaan himtee Kanahaanii?
2. Magaalaa Waaqayyoo keessaa faayidaa laga fayyisuu ibsi.
3. Lakkoofsi 6 akkamitti faarfannaa 2 fakkaata?
4. Lakkoofsa 10 irratti YHWHn kan inni dubbatu eenyuuf?
5. Lakkoofsi 10 waa'ee kuufaatti ormaatti yookaanis ormii gara saba Waaqayyootti waa'ee dabalamuu isaanii?

# FAARFANNAA 47

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo mooti lafaa<br>Seensa MT Faarsaa ilmaan Qoree | Galta Waaqayyoof mootii lafaaf | Jajannaa mootii ta'uu Waaqayyoof ayyaana mootii kabajuuf ormoota hundumaa irratti | Mootii isa hunda irra caalaa | YHWH mootii Israa'eel; mootii lafaa |
| 47:1-4 | 47:1-4 | 47:1-4 | 47:1-4 | 47:1<br>47:2-3<br>47:4 |
| 47:5-9 | 47:5-7 | 47:5-7 | 47:5-7 | 47:5<br>47:6<br>47:7-8 |
| | 47:8-9 | 47:8-9 | 47:8-9 | 47:9 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun kan inni irratti xiyaafatu waan hundumaa kan uumaa/oolchaa olaantummaa Waaqayyooti. Waaqayyo ni bita (Faru. 93:1, 96:10, 97:1, 99:1, Isa. 52:7)!

B. Mirkaneeffannaan mootii kun akkamitti fi yoom amansiisummaa hin qabu.
   1. Mootummaan Daawiit Israa'eel irratti guyyaa ayyaanaa waggaa hin qabu.
   2. Kan bara dhumaa raawwii waan hundumaa (1Qor. 15:25-27)
   3. Waaqayyoo uumama irratti bakka inni qabu og-Waaqummaa ta'uu qabuun (jechuun, tokkummaan [mata-duree addaa ilaali Faru. 2:7 irratti], inni yeroo hundaamaa biteera, ni bitas)

C. Qabbiyyeewwn waan maraa faarfannichaa agarsiiftuu cimoodha, Waaqayyoo uumaa hawwaa fi mootii ta'uu isaatiin.
   1. Namoonni hunduu, lak. 1
   2. Mootii guddaan biyya lafaa hundaa irratti, lak. 2b
      1. Saboota bita….warra ormaa, lak. 3

2. Waaqayyo orma irratti ni bita, lak. 8 (Faru. 22:28, 1Qor. 16:31)
3. Ilma mootii sabaa (kan kabajaman) (jechuun, Israa'eel osoo hin taane, garuu saba ormaa) ofii isaanii wlitti qabu, lak. 9
4. Gaachanoonni lafaa kan Waaqayyooti, lak. 9
5. Fayyadama Eliyoon ta'uu danda'a, innis waamama baratame, waaqa tolfamaa olaanaaf, faayidaaf (baha dhihoo durii), innis YHWH waaqollii tolfamoo kan biroo hundaa irratti bittaa inni qabu argisiisa (waaqollii tolfamoo, Elohimis, waaqa tolfamaa, k.k.f)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 47:1-4

**1 Yaa saba garaa garaa hundumti keessan, harka**
**Keessan walitti rurrukutaa! Sagalee keessan ol**
**Fuudhaa Waaqayyotti gammaduu keessan dhageessisaa!**
**2 Waaqay inni hundumaa gararraa jiru sodaachisaa dha,**
**Inni guutummaa biyya lafaa irratti mootii guddaa dha;**
**3 Inni saba garaa garaa harka keenya jala in galche,**
**Namoota hundumaas miilla keenya jala kaa'e*.**
**4 Inni biyya dhaala keenyaa nuuf in fo'a, Yaaqoob**
**Inni Waaqayyo jaallatu biyyichaan in koora*.**

**47:1-2** Maqaawwan waaqummaa hubadhaa.
1. Waaqayyo- Elohiim, lak. 1;5;6;8 (yeroo lama), 10
2. Gooftaa - YHWH, lak. 2
3. Olaanaa - Eli'on, lak. 2 (maqaa baratamee Waaqa olaanaadhaaf, faayidaadhaan (baha dhihoo durii) Uma. 14:18-20, 23, Lak. 24:15, Kes. 32:8-9)
4. Mootii - lak. 2; 6; 8 ("Ni mo'a," Zak. 14:9, Mil. 1:14)
5. Waaqa Abirahaam - Lak. 10 (jechuun, kan Elohim bifa qeenxeetiin, kes. 32:15;17, Faru. 18:22)

Ciigoon yeroo hundaa Waaqa Israa'eeliif maqoota baay'ee fayyadama. Innis yeroo hundaa maqootaa fi labsiwwan fudhata, aadaawwan kan biro irraa, kanaaf Waaqa Israa'eeliif itti fayyadama. Lammaffaan kitaaba faarfannaa irra caalmaan Elohimiin fayyadama.

**47:1**Faarfannaan kun IMPERATIVES lamaan jalqaba, lafa walitti qabu (jechuun, "nama hundumaa") sagalee isaanii ol kaassani akka gammadan.
1. "Harka keessan rukkutadhaa" - BDB 1075, KB 1785, Qal IMPERATIVE
2. Waaqayyoof ililchaa - BDB 929, KB 1206, Hifil IMPERATIVE
3. Hiyya lolaa- Lak. 10:9, IYa. 6:20, Isa. 42:13, 2Sen.13:15
4. Walitti qabama - Lak. 10:7
5. Mo'icha - Erm. 50:15, Sef. 3:14
6. Mirkaneeffannaa - 1Sam. 10:24, Faru. 47:1, 66:1, 81:1, 95:1-2, 98:4, 100:1, Zak. 9:9
7. Gammachuu amantaa - 1Sam. 4:5, Izi.3:11, 13
8. Rakkina - Isa. 15:4, Mik. 4:9

**47:2 "Abbaa ulfinaa"** gochamni kun (BDB 431, KB 432, *Niphal* PARTICIPLE) kan inni ibsu
1. Israa'eel lafa honaa isaan kutanii darban, Ba'uu irratti, Kess. 1:19, 8:15
2. Ajaa'ibsifachuu kan uumu - Faru. 47:2, 68:35, 76:8
3. Ulfina gadi fagoo - Kess. 7:21, 10:17, Nah. 1:5, 9:32, Dan. 9:4

Lakkoofsa 2 fi 3 baay'ee wal fakkaataa dha, hiika isaan. Inni qofaa isaati, qofaa isaa, nuun uumama cubbammoo dha! Inni garuu nuu wajjin tokkummaa gochuu fillate!

▣ "**Lafa hundummaa irratti"** irra deddeebi'amaa kan ta'e mirkaneeffannaa guutummaa lafaa jiru fakkaata, Faarfannaa 45-50 irratti 45-50 (lak. 1, 7-9, Faru. 45:16, 46:10, 47:2, 48:2;10, 49:1, 50:1;4;12). Ergaan kun "Tarii" faarfannawwan kun maaliif bakka tokkootti akka kaa'aman ta'a. dabalataanis Faarfannaa 96-99 ilaali.

Lafti kan gooftaati (Ba'u. 9:29, 19:5). Inni uumaa dha, sooraa (jechuun, Elohiim, Uumama 1); fi Waaqa kakuu (jechuun, YHWH, Uma. 2:4). Kan biraan hin jiru (mata-duree addaa ilaali: tokkummaa /Waaqa tokkoo/ Faru. 2:7 irratti)!

**47:3-4** Isaan lakkoofsonni kun mirkaneeffannaa kan kennan filatamuu Israa'eel, akka YHWH saba kakuu adda ta'e (Uma. 12:1-3, Bau. 19:5-6). Israa'eel jechuun sabaaf ifa akka taatu ture, garuu hin taaneef (Hiz. 36:22-23, mata-duree addaa ilaali, karoora oolchuu bara baraa YHWH, Faru. 2 seensa irratti/.

Kan Israa'eel mo'ichi loltuummaa turaniiru (jechuun, lola qulqulluu).

**47:4 "Dhaala"** qoqoodama biyyatti abdii irratti (jechuun, Iyyaasuu 12-19) warra Leewwotaaf lafti hin kennamneef ture (jechuun garuu, magaaloota 48, Iyyaasuu 20-21). Akka jedhame, "YHWH dhaalaa isaaniiti." Abdiin ajaa'ibsiisaan kun Israa'eel hundumaaf akka ta'u babal'ateera, jedhees 1Phex. 1:4, irratti amantoota hundumaaf akka ta'u!

Kana immoo ilaaluun ni danda'ama, Kana'aaniin akka ilaalatu (jechuun, biyyatti abdii sana, Uma. 12:7, 15:12-21, 17:8, Bau. 1:8). Kanaf "Dhaala" fi "Ulfina (BDB 144) Yaaqobiif" wal cinaa dha. Kana xiyyaafachuun diduun koo, waan hundumaa faarfannichaati. Lafti, kan Kana'aaniin qofa osoo hin taane, kan Gooftaati!

▣ **"Kan jaallatu"** kakuu moofaa irratti bakka giddu galeessa qaba ture, ta'us garuu kakuu haaraa irratti Wangeela Yesus Kristoos bakka giddu galeessa qabaata (Yohaannis 3:16, 4:42, 1Xim. 2:4, 4:10, 1Yoh. 2:1-2, 4:14). Kristaanonnii kakuu moofaa ilaaluu/hiikuu kan isaan irra jiraatu ilaalcha kakuu haaraatiin, galagaltoodhaan osoo hin taane!

▣ **"Selah"** yaadannoo ilaali Faru. 3:2 irratti fi seensa faarfannaaf, VII

## MACAAFA FAARFANNAA: 47:5-9

**5 Waaqayyo gooftaan macaaa sagalee gammachuutiin,**
**Sagalee fiinootinis ol ba'eera;**
**6 Waaqayyoon faarfannaadhaan jajadhaa! Isa faarfadhaa!**
**Mootii keenya faarfannaadhaan jajadhaa! Isa faarfadhaa!**
**7 Waaqayyo mootii guutummaa biyya lafaa waan ta'eef,**
**Isa faarfadhaa, mararoodhaan jajadhaa!**
**8 Waaqayyo saba warra kaan irratti in mo'a,**
**Waaqayyo teessoo isaa isa qulqulluu irra in taa'a;**
**9 Gurguddoonni saba garaa garaa, saba Waaqayyoo**
**Isa kan Abrahaamiitti dabalamanii, walitti sassaabamanii**
**Jiru, warri biyyaaf gaachana ta'an kan Waaqayyoo waan**
**Ta'aniif, inni guddaa ol kaafameera. Selah.**

**47:5-9** Buusaan kun kan inni irratti xiyyaafatu galata Waaqayyoof. Mi'aa sagaleef cimina kan ta'an jecha hubadhu.

1. Illeleedhaan, lak. 5
2. Sagalee malakataan, lak. 5

3-7 . Galata faarfadhaa, lak. 6-7 - BDB 274, KB 273, *Piel* IMPERATIVE,, yeroo 5

Ayyotni baay'een 47:5-8 kan isaan argisiisan akka labsii ta'ii waggaatti, mootiin Israa'eel teessoo irra yeroo ba'u, akka fakkeennoo bakka bu'aa YHWH, bittaa isaa hundumaaf (jechuun, gabateen kakuu Waaqayyoo deebi'ee gara mana qulqullummaa yeroo dhufu marsaan booda, 2Sam. 6:15). Ammam illee yaadni wixinee harkisaa yoo ta'es, ragaa seenaa muraasaa kan inni qabu.

**47:5 "Og-waaqummaa"** mata-duree addaa kanaa gadi iru ilaali.

## Mata duree addaa: Israa'elootaan fayyadama irra kan oolaan gaafoota

Ibirootaan jechoota afur qaba gaafa irraa/ fiinoo wajjin kan wal qabate:

1. "Gaafaa hoolaa" (BDB BDB 901)/gara meeshaa sagalleetti kan geggeedaramuu Iyaa 9:5. Jecha wal fakkaataa ta'ee, gaafaan kan wal qabatee innis Abrahami Yisihaaqiin kan jijjiree Uuma 22:13 irratti.
2. "Fiinoo" (BDB 1051) –jecha Sooriyaa irraa hoola cakkaa keessa (Ibesi) gaafii kun innis Ba'uu 19:16, 19 Siinaa/Kooreb gaaraa fayyadama irra kan oolee dha. Lakk. 1 fi lakk.2 Iyaasuu 6:5 wajjin wal bukkee dha. Innis fayyadama irra kan oole yeroo waaqeffannaatii fi yeroo loalaa wal fudhachiisuuf (jechuun Iyaarikoo lamanuu turee, 6:4).
3. "Gaafa hoolaa' (BDB 385) –jecha warra Fiinqee hoolaadhaaf 6:4, 6, 8, 13). Innis immoo waggaa Iyoobili'uutiif in dhaabbata Leewota 25:13, 28, 40, 50, 52, 54, 27:17, 18:23, 24). (Isaan sadan hundumtuu osoo jijjiiramanii in mul'atuu gara garummaa tokkoo illee utuu irratti in godhamin. Mishinaayii (RH 3.2) gaafaa horii kamin iyyuu-hoolaa, reetii yookaan agaazeen akka ta'uu hiyama, kan sa'aa garuu miti).
4. "Fiinnoowwan"(BDB 348) –kun ta'uu kan qabuu "diriirsuu gochama jedhuu irrati, inni lafee qajeela (akka gaafa horii kan hin jajalatin). Isaan kun kan hojetaman birri irraati (akka boca Gibxiiti fi bifaa kan jiru). Isaan kun fayyadama irrakan oolan
   a. Seera waaqeffannaa wajjin (Seera lakk. 10:2, 8, 10).
   b. Tajaajila loltuutiif (Seera lakk. 10:9, 31:6, Hose 5:8, Hizi 3:10, Naahi 12:35, 41)
   c. Hojii moototaa (2 Moototaa 11:14) isaan kana keessaa 1n fiinoo sibilaa Tiitoodhaan Roomee irrattii heerameera, Yoosefasiis Antiq. 3.12. 6. Irratti heerameera.

**47:7**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"faarfannaa ogummaa"** |
| **NKJV** | **"hubannaadhaan"** |
| **NRSV** | **"faarfannaadhaan"** |
| **JPSOE** | **"galata"** |
| **REB** | **"ogummaa isaanii hundaan"** |

Jechi isaa (BDB 968) MT faayiidaa irra kan oole faarfannawwan kudha sadii mata-dureewwan, ta'us garuu barreefama faarfannaa qofa ta'eera. BDB kan jedhu kan isaa "kadhata (kennamu) walaloo" ta'uu isaati, KB kenna

1. "Faarfannaa waaqeffannaa" (Kettil)
2. "Faarfannaa ogummaa qooqaan kan dhi'aate" (Moowinkil)

Derik Kediner, Tindale yaada bal'aa kakuu moofaa (Komenteri), jildi 195, jecha kana wal argisiisa (jechuun, Maskiil) barreefama Phaawulos wajjin, 1Qor. 14:15 irratti kan jiru. Kun kan ajaa'ibsiisuu dha, garuu kan of-eeggate miti. Innis yeroo hundaa baa'ee rakkisaa dha, kakuu moofaa kan eeru fakkiiduuwwan barreefama kakuu haaraa irratti argisiisuuf.

**47:9** Lakkoofsi kun kan inni argisiisu, qajeelfamoonni hunduu (jechuun, wal argee sabaa bakka kan bu'an) gara Israa'eetti walitti qabaman (jechuun, Waaqni Abirahaam saboota, Uma. 12:3, 22:18, Rome. 4, Gala. 3:6-9)

"Gaachanawwan" gaaleen jedhu fakkeenya loltuuti, YHYH mo'icha karaa hunduaa (Faru. 46:8-11).

YHWH guutummaa lafaa irratti mo'uun isaa hojiiwwaan ofi isaan raawwatameera, ("Baay'ee ol ol jedheera" - BDB 748, KB 828, *Niphal* PERFECT, Faru. 46:10, Isa. 2:11; 17, dabalataanis Yoahaannis 3:14-15, ilaali, achitti "Ol jechuu" jechi jedhu "Baay'ee ol jechuu" hiika jedhu yeroo qabatuutti).

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaa 45-50 walittii maal qabu?
2. Waamama og-waaqummaa tarreessi, hiika tokkoon tokkoon isaa ibsi.
3. Lakkoofsi 9 waa'ee maalitti kan inni dubbatu?
4. Qabiyyeewwan faarfannichaa hundumaa tarreessi. Isaan kunis maaliidha tokkuummaan isaa?

# FAARFANNAA 48

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ulfinaa fi bareedina Xiyoon Seensa MT kan qabu faarsaa ijoollee Qoree | Ulfina Waaqayyoo Xiyoon irratti | Miidhaginaa fi fayyina Xiyoon kan ittiin kabajan faarsaa | Xiyoon magaalaa Waaqayyoo | Xiyoon tulluu Waaqayyoo |
| 48:1-3 | 48:1-3 | 48:1-3 | 48:1-3 | 48:1-3 |
| 48:4-8 | 48:4-7 | 48:4-8 | 48:4-7 | 48:4-5 |
| | | | | 48:6-7 |
| | 48:8 | | 48:8 | 48:8 |
| 48:9-14 | 48:9-11 | 48:9-11 | 48:9-11 | 48:9-10ለ |
| | | | | 48:10ሐ-13 b |
| | 48:12-14 | 48:12-14 | 48:12-14 | 48:13 C -14 |

**DUBBISA MARSAA SADA  (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun waa’ee magaalaa Waaqayyoo ishee adda taatee fi saba dha. Inni isaanii wajjin isaaniif. Isaayaas 26 akkaataa qabiyyee yaada barreefamichaatti D ilaali, kallattiidhaan sarara web site www. Freebiblecommentary.org  “magaalaaf” fakkeenya.

B. Faarfannaan kun ni argisiisa, Yerusaaleen addunyaa haaraa magaalaa guddoo qaamaa akka taatuu?
Faarfannaa kana jecha fayyadamuun  tokko kana seenaa keessatti saboota adda addaatiin, kan hiikamtee fi kan wal qabate Yerusaaleemiin akkamitti ibsuu danda’a?

C. Dhimma kana irratti wal’aansoo qabeera, sababni isaa inni yaad-rimee bar-kumee  yaada isa guddaa waan ta’eef. Adaraa keessaan ilaalaa gudduunfaa koo, mata-duree addaa irratti, raajiiwwan gara fuulduraa kakuu moofaa faallaadhaan raajiiwwaan kakuu haaraa (yaada bal’aa mul’ata koo (commentery) irraa kan fudhatame) Faarfannaa 37 seensa irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 48:1-3

**1 Waaqayyo gudda dha, mandara isaa keessatti tulluu**
**Isa qulqullaa'aa irrattis guddisee kan jajamuu dha*!**
**2 Tulluun Xiyoon inni ol ka'inni isaa miidhagaan,**
**Guutummaa lafa kanaaf gammachuu dha;**
**Inni mandara mootii guddichaa keessaa,**
**Gara biraatti ol fagaatee jira*.**
**3 Mana ishee warra jajjaboo keessatti Waaqayyo ofii**
**Isaatii, da'oo amanamaa isheedhaaf**
**Ta'uu isaa mul'iseera.**

**48:1-3** Yerusaaleemi fi garoota ishee adda addaa karaawwan adda addaatti akkamitti akka ibsaman hubadhu.

1. Magaalaa Waaqa keenyaa, lak. 1
2. Gaara isa qulqulluu, lak. 1
3. Bakka bareedaa (BDB 832, as qofatti, kakuu moofaa irratti, mallattoo wal dorgomuu ta'eera, baay'ee kan bareede)
4. Gammachuu lafaa hundaa, lak. 2
5. Gaarii Xiyoon karaa fiixee Kaabaatiin (yookaan "Kaabaa" = Zafon, gaaraa waaqa tolfama warra Kana'aan, Ugareetti irraa gara Kaabaatti , NIDOTTE, jildi 3, fuula 836), lak. 2
6. Magaalaa mootii isa gudaa, lak. 2
7. Waaqayyoo bakka wal ga'ii isheetti, hirkoo ta'ee beekama, lak. 3

Ibsawwan kana irratti kan isaan eeran lammanuuti, gaara Mooriyaa irratti mana qulqullummaa jiru fi guutummaa magaalaa Yerusaaleem, yeroo hundumaa Xiyoon jedhamee kan waamamu.

**48:1 "Magaalaa Waaqa keenyaa"** gaaleen kun yaadawwan baay'ee eeruu danda'a.

1. Melke Tsadiq wajjin magaalaa wal qabatu - Uma. 14:18 (jechuun, Saaleem)
2. YHWH maqaan isaa akka irra jiraatu magaalaa inni godhe - Kes. Deebi. 12:5;11;21, 14:23;24, 16:2; 6; 11, 26:2
3. Daawit warra Kanaa'aan irraa magaalaa inni bute (jechuun, Jebus), booda irrattis Magaalaa isaa kan ta'e - 1Sam. 5:7, 9
4. Ergamaan Gooftaa dha'icha isaa magaalaa inni inni dhorkee wajjin kan wal qabate, bakka Daawiitiin bitame mana qulqullummaa gara fuulduraa kan ta'u )) 2Sam. 24:15-17; 18-25, 2Sen. 3:1 (jechuun, gaara Mooriyaa, bakka aarsaa Yisi'aaq kan ta'u - 2Sam. 24:15-17;17; 18-25, 2Sen. 3:1 (jechuun,gaaraa Mooriyaa, bakka aarsaa Yisi'aaq ta'uu kan danda'u, Uma. 22:2)
5. Xiyoon akka Jebuus wal fakkaataa - 2Sam. 5:7, 1Sen. 11:5 (Jechuun, guutuummaa magaalaa Yerusaaleem karaa ittiin eeruu, amma illee inni bakka ol ka'aa torba irratti yoo hojjetamtees, Xiyoon waamama baratame ta'eera

Faarfannaa 48 rakkoon lak.2 dha, "Gaarii Xiyoon Kaabaa fagootti." Yaad-rimeewwan kana qofaa dha.

1. Innis waaqaf fakkiiduu dha, YHWH bakka jiraatuutti - Isa. 14:13 A, B, Mul. 3:2, 21:2;10
2. Innis akka faarfannaa kan biro himtee warra Kana'aan tokko tokkoo of keessatti qabata (jechuun, Zafon = Ibiroota "Kaabaa," BDB 8) - Isa. 14:13 C; D, Hiz. 28:14

Innis kan baratame ture baha dhi'oo durii yaada amantaa, waaqa tolfamaa fiixee gaaraa irra ni jiraatu jedhee yaaduu (himtee Gilgamiish). Kanas dhugaa adda ta'eeni dha, Ugaaritik Ba'aal walaloowwan himtee, Ras Shamiraa. waaqni tolfamaan wal argaa jiraacaa turan, gaaraa kaabaa Saafoon yookaan Zaafoon jedhamee kan waamamu. Ba'aal asittii teessoo ture, Anaziin kan ijaarame. Waaqa tolfamaa dhiiraa waaqa tolfamaa wal horuu warra Fiinqee Ba'aal Zafoon jedhama ture, gaara qulqulluu Israa'eel Mooriyaa wajjiin raawwatee walitti hin dhufu (20:40), nuura burqaa lammanuu fakkaatu, kan Isa. 14:13-15 fi Hiz. 28:14; 16. Rolaand D Vayukis, kan Israa'eel durii, jildii 2 fuula 279-281 ilaali.

3. Ayyoota tokko tokkoon dubbifamaan Ibirootaa ramaddii addaati jedhu, "Karaa Kaabaa Magaalaatiitiin"
   "Magaalaa" kan jedhu yaad-rimeen bakka argama YHWH bakka addaa karaa ittiin argisifamuu dha, innis kakuu haaraadhaan kan itti fufe.

1. Ibr. 11:10 - "innis (Abirihaam) magaalaa ni barbaada ture, Waaqayyo kan hundeesse, kan wixinesee fi kan ijaaree"
2. Ibr. 12:22 - "Gara gaaraa Xiyooni fi gara Waaqa jiraataa magaalaa dhufeera, gara Yerusaaleem ishee waaqa irraa"
3. Ibr. 13:14 - "Magalaatiin as taatee hin jirtu, garuu magaalatti ishee dhuftuu ni hawwina"
4. Mul. 3:12- "Maqaa magalaa Waaqa koo, Yerusaaleem ishee haaraa, isheenis waaqa irraa Waaqayyoo koo biraa kan gadi buutuu"
5. Mul. 21:2-10 - "Magaalatiin Yerusaalem ishee haaraa, samii irraa Waaqa biraa yeroo gadi buutuun arge"

**48:2"Gaarawwan"** Faayidaaf (baha dhi'oo durii) gaarawwan bakka jireenya Waaqayyoo turan. Baabiloonitti, innis gaara uumamaa kan hin qabne, kan ittiin ol ba'aan kan qabu haraatii hojjetu turan (jehuun, abbaa roga afurii dhaabii, Uma. 11:3-4) samii fi laftii bakka itti argamu.

Seenaa Israa'eeliin gaaroonni baay'ee fayyadan jiru.

1. Gaarii Siinaa YHWH Israa'eel wajjin kan argammee fi bakka seerrii itti kenname (Bau 19-20) Uma. 14],
2. Gaara Xiyoon, magaalaa Daawiit (Saaleem [boodas Jebus ] 2Sam. 5:6-10])
3. Gaara Mooriyaa, bakka mana qulqullummaa (Uumama 22)
4. Faarfannaa kana irratti gaarii Xiyoon gaaraa Zafoon irra caala, gaara waaqa tolfamaa warra Kanaa'an (gaara Olombiksii wajjin wal qixa kan ta'e, waaqa tolfamaa Girikii) YHWH n guddaa waan ta'eef

## MACAAFA FAARFANNAA: 48:4-8

**4 Kunoo, moototni walitti in qabaman,Wal duukaas itti in adeeman.**
**5 Akkuma kana arganiin Na'anii in dinqifatan,**
**Wareeranii baqa keessaa fuudhan.**
**6 Achitti rom'uun isaanitti dhufe, akka dubbartii da'uuf**
**Ciniinsifatuus mudamni isaan in qabate.**
**7 Akka markaboota gara buufata Tarshiishitti**
**Adeemanii, warra qilleensa gara**
**Ba'a-biiftuutiin hurreeffamanii in ta'an.**
**8 Waaqayyo bara baraan mandara**
**Isaa jabeessee akka dhaabu, akkuma dhageenye**
**Akkasumas mandara gooftaa maccaa,**

**48:4-8** Aanguun kun kan inni irratti xiyyaafatu magaalaa Waaqayyoo lafa irratti dhiibbaa isheen qabdu dha (Lak. 2A, 10B). fakkeenyi nuuraa kan inni ibsu soda fi of-eeggachiisa, humnaa fi argamuu Waaqayyoo irratti hundaa'uudhaan, magaalatti bara baraa adda taate irratti (lak. 8b, c).

Mootootni ormaa sadhatawaa akka ta'an, Faarfannaa 2 irratti, asittis akka kanaa dha. Walitti bu'iinsa amansiisaa ta'eetu jira, ilaalcha addunyaa qulqulluu sagalee isaa fi waaqeffannaa waaqa tolfamaa ormaa gidduu. Kun kan aragamu, walitti bu'iinsa amansiisaa ta'e tokkoon tokkoon dhalootaa fi kutaa aadaati. Walitti bu'iinsichi tokkummaa kan of keessatti qabatu ta'uu dhiisuu isaati.

**48:6 "Akka dubartii ciniinsifatu"** kun kan baratamee fakkiiduu kitaaba qulqulluuti sodaadhaaf, dhiphina, miidhaa akka tasaaf (Isa. 13:8, 21:3, 26:17, Erm. 4:31, Hose. 13:13, Mik. 4:9, Yoha. 16:21, Mar. 13:8, 1Tes. 5:3).

**48:7 "Qilleensa bahaa"** kun qilleensa ho'aa turee dha (jechuun, dha'aa qilleensaa, cirracha kan kaasuu, jecha Arabaatiin "Baha") midhaan kan gogsu, hawaanissa kan fidu, kanaaf fakkiiduuu badiisaa kan ta'e (Erm. 18:17, Hiz. 17:10, Hose. 13:15, Yoonaas 4:8).

▣ **"Markaboota Tarshiishi"** bakkii sirriin Tarshiish adda hin bane, ta'us garuu teessumma lafa gaarii gara dhi'aatti fagaatee daangaa Meditiriyaanii irratti dha, innis waan hundumaa kan YHWH humna akka mul'isu ilaaleera. Markabootni gurguddoon, amansiisoo, garba irra deemuu kan danda'anii dha, Medetiriyaanii irratti. Isaaniif kan hunmaa fi daldalaa fakkeenya dha.

**48:8 "Seelay"** yaadannoo ilaali Faru. 3:2 fi seensa faarfannaa VII irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 48:9-14

**9 Yaa Waaqayyo, mana qulqullummaa kee**
**Keessatti, nuyi gaarummaa kee yaadanneera.**
**10 Yaa Waaqayyo, akkuma maqaan**
**Kee fsgoo gs'ee, jajuun kees andaara lafaa**
**In ga'a; harka kee mirgaa keessa**
**Qajeelinni guuteera*.**
**11 Firdii dhugaa ati laattuuf tulluun Xiyoon haa gammadu,**
**Mandaroonni Yihudaas haa ililchan!**
**12 Mandara Xiyoon naanna'aa, Ishees marsaa,**
**Riqaa dhagaa ishee keessatti Ijaaramaniis lakkaa'aa!**
**13 Dhaloota dhufutti akka himtaniifis Dallaa ishee yaadaan qabaa,**
**Mana ishee warra jajjabo Keessa adeemaa!**
**14 Inni kun Waaqayyo akka ta'e, yeroo hundumaa**
**Bara baraan Waaqayyo keenya, ammahamma du'a**
**Garasiittis geggeessaa keenya ta'u qaba*.**

**48:9-14** Aanguun kun YHWH galateeffata.

1. Isaan waa'ee gaarummaa isaa osoo gargar hin kutiin akka yaadaniif (jechuun, amanamummaa kakuu, mata-duree addaa ilaali Faru. 5:7 irratti)
2. Kan isaa mana qulqullummaatti Yerusaalemitti argamuu isaa
3. Maqaan isaa (amallii isaa/hojiin isaa) hanga daangaa lafatti galateeffamuu isaa
4. Mirgi isaa (jechuun, humna, mata-duree addaa ilaali Faru. 7:3-4) qajeelinaan guutamuu isaa (mata-duree addaa ilaali Faru. 1:5 irratti)
5. Magaloonni Yihuudaa (jechuun, ijoolleen dubaraa) firdii irraa kan ka'ee ni gammadu (mata-duree addaa ilaali Faru. 9:5-6 irratti)

6. Magaalatti bareedduu isaa ilaalaa
7. Inni kan addunyaatii fi kan bara baraati

**48:11-13** Aboomotni walitti fufan jiru.

1. Gaaroonni Xiyoon ha gammadan - BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECTbifa JUSSIVE faayidaa ieea kan oole685, KB 738,
2. Ijoolleen dubaraa Yihuudaa ha gammadan- BDB 162, KB 189, *Qal* IMPERFECTbifa JUSSIVE faayidaa irra kan oolan
3. Xiyoon irra deddeebi'aa -- BDB 685, KB 738 *Qal* IMPERFECT
4. Naannoo isaas deemaa - BDB 668, KB 722, *Hiphil* IMPERATIVE
5. Dhagaawwan ishees lakkaa'aa - BDB 707, KB 765, *Qal* IMPERFECT
6. Daannoo keessa laphee keessa jiraachiisaa - BDB 1011, KB 1483*Qal* IMPERFECT
7. Mana mootummaa ishee deddeebi'aa - BDB 819, KB 946, *Piel* IMPERATIVEGochamawwan kana kan argisiisan ta'u (Faru. 26:6) (1) Iyyaasuun Iyaarikoo yeroo torba naannoo isaa naanna'eera, Iya. 6:3-15 yookaan (2) Nayimiyaa irratti dhagoonni Yerusaaleem eebbaaf, Nahimiyaa 12.

▣ **"Dhagawwan"** jechi kun (BDB 153) kan inni argisiisu "haraatii irra dhaabbatani eeggatan" dha (2Mot. 9:17, 17:9, 18:8) fi warra xiyya darbatan (2Sen. 26:9;10, 15).

▣ **"Daannoowwan"** jechi kun (BDB 298) kan inni eeru tokku iyyuu

1. Keenyaan naannoo isaa - Issa. 26:1, Faru. Erm. 2:8, Nah. 3:8
2. Keenyaniwwan alaa lamaan gidduu bakka jiru - 2Sam. 20:15, Faru. Erm. 2:8

▣ **"Bakka wal ga'ii" (yookaan daannoo")** jechi kun (BDB 74) argisiisuu kan inni danda'u gamoo guddaa gosa kami hundumaati, magaalaa dhokkate (2Mot. 15:25, 2Sen. 36꞉19: Fak. 18꞉10: Isa. 32:14, Erm. 17:27, Faru. Erm. 2:5;7, Hose. 8:14; Amos. 2:5, 6:8, Mikiyas 5:5).

Isaan kun sadan jechoota hundaa kan isaan ibsan jabaa fi magaalaa dhokatee dha, kan faayidaa (baha dhi'oo durii. Ta'us garuu. Jabina ishee fi jiraatuu ta'uu ishee YHWH achi jiraachuu isaan sababa dha!

**48꞉14**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"hmmadu'aatti"** |
| **NKJV** | **"hammadu'aattiilleeyoota'e"** |
| **NRSV** | **"barabaraan"** |
| **JPSOA** | **"baraaammabarabaraatti"** |
| **LXX** | **"barootaaf** |
| **REB** | **"ammabara baraatti"** |

**"**Amma du'aatti" kan jedhuu fi "bara baraan" kan jedhu gidduu garaagarummaa jiru

1. Dubbifamaan Ibirootaa eessatti akka qoqodamee dha
2. Ayyoota Masooratikii baay'ee booda irratti barreefama Ibirootaa irratti dubbachiiftoota dabale

Fillannoon sadaffaan jira hololoo ciigoo kanaa hubachuuf. Gosa tokko kan ta'e jecha Ibirootaa rukkutaa qooqaa argisiisuu danda'a "Akka Alamooz" (Faarfannaa 46 mata-duree). Akkas yoo ta'e, inni Faarfannaa 49 wajjin ni deema. Sababa kanaaf ta'uu danda'a NJB hololoo kana kan inni hir'isu.

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajeelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu

nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaan kun kan inni argisiisu haala seenaati yookaan bara dhumaa?
2. Yerusaaleem bara haaraatti magaalaa guddoo YHWH taatii?
3. Lakkoofsi 2 maaliif baay'ee wal dha'aa tae? Barreesitoota kitaaba qulqulluu warra waaqa tolfamaa waaqessan burqaawwan jechaa fi fakkeenya ni fayyadamu?
4. Lak. 4-8 kan isaan eeran akka faarfannaa 2 kan jiru haalaa?
5. Faarfannaa kana irratti kan jiran qabiyyeewwan hundumaa tarressi?
6. Lak. 12-13 kan isaan eeran adeemsa seeratta waaqeffannaatii? Akkas yoo ta'e kana kan fakkaatan kan biroon kakuu moofaa irratti ni argamu?

# FAARFANNAA 49

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gowwummaa Qabeenyaatti irkachuu | Abdii nama gowwaa | Kadhata jireenyi fi qabeenyaan yeroo gabaabaa ta'uu isaa | Gowwummaa qabeenyaatti hirkachuu | Qabeenyaan waa'ee akka hin baafne |
| Seensa MT kan qabu | | | | |
| Angafa faarffattootaaf | 49:1-4 | 49:1-4 | | |
| Faarsaa ilmaan Qoree | | | 49:1-4 | 49:1-2 |
| 49:1-4 | 49:5-9 | 49:5-9 | | 49:3-4 |
| | | | 49:5-9 | 49:5-6 |
| 49:5-9 | | 49:10-12 | | 49:7-8 |
| | 49:10-12 | | | 49:9 |
| | | 49:13-15 | 49:10-12 | 49:10 |
| 49:10-12 | | | | 49:11 |
| | 49:13-15 | 49:16-20 | 49:13-15 | 49:12-13 |
| | | | | 49:14 a-c |
| 49:13-15 | 49:16-20 | | | 49:14 d-15 |
| | | | 49:16-18 | 49:16-17 |
| | | | | 49:18-19 |
| 49:16-20 | | | 49:19-20 | |
| | | | | 49:20 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan 49 faarfannaa ogummaati (Faarfannaa 37). Innis kan inni ilaalate hawaasa kakuuti, YHWH osoo hin ta'in. innis baay'ee kan baay'ate kan walinni waan ta'e qaba kitaaba fakkeenyaa wajjin, faarfannaan hafee kan inni fakkaatu caalaa. Kan lakkoofsa 3-4;10-12;13 wal cinummaa fi jecha hubadhu.

B. Yaadni ijoon isaa faarfannaa 37 fi 73 wajjin wal fakkaata, innis bu'uura irraa akka "Karawwan lammanni" kan ibsu, gara jireenyaatti kan geessu karaa fi gara du'aatti kan geessu karaa

(faarfannaa 1 fi Kes. 30:1;15;19). Karawwan lamaan bifa addaatiin mul'atu, lak. 3 fi 5 irratti, lak. 6 wajjin wal madaalchisuun.

C. Ergaan isaa namaa fi qabeenya lafaa amanachuu akkasumaaniiti, kun nama ajaa'ibsiisuuu danda'a, sababni isaa qabeenyaa fi milkaa'uun kakuuf abboomamuu mallattoo eebbaa godhamee mul'achaa waan tureef (Leewota 26, Kes. 27-30).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 49:1-4

**[1]Yaa saba lafa irraa hundumti keessan kana dhaga'aa,**
**Isiin yaa warra lafa irra Jiraattanii Hundumti**
**keessan gurra keessan as qabaa!**
**[2]Guddaa fi xinnaa, Sooressaa fi hiyyeessaa,**
**Walii wajjin kana dhaggeeffadhaa!**
**[3]Afaan koo ogummaa haa dubbatu,**
**Wanti ani garaatti yaadus hubannaa haa argisiisu!**
**[4]Dubbii yaada gad fagoo of keessaa qabu**
**Fudhachuudhaaf gurra koo itti nan qaba,**
**Yeroo ani kiraara rukututtis Hiika isaa isa dhokataa nan mul'isa.**

**49:1** lak. 1 IMPERATIVES s wal cinaa lama qabu ("Maqaan isaa" [*Qal* IMPERATIVE] fi "Dhageefadhaa" [*Hiphil* IMPERATIVE]. Fayyadamaa kan ta'u barreessaan faarfannaa kanaa kan inni argee tokkummaan waan hundaa akka jiruutti dha, daangaa biyyatti abdii sana kan darbe (Faru. 45:16, 46:10, 47:1-2; 7-9, 48:2; 10, 49:1, 50:1;4; 12; jechuun, "Sabni hunduu," "Biyya lafaa irra kan jiraatan hunduu"). Yaadachuun kan irra jiru og-barruu ogummaa (seensa keeyataa ilaali, fuula xxv) sharbee barreefamaati, faayidaan (baha dhi'oo durii) baay'ee kan beekame.

**49:2 "Xinnaa fi guddaan"** kun Ibiroota birratti baay'ee fakkiduu baratamee dha, hamoota lamaa fi gidduu isaanii kan jiru waan kami iyyuu ibsuudhaaf, (wal cina isaa ilaali "Soorressaa fi hiyyeessa"). Gaaleen kun ofii isaa baay'ee kan hin baratamnee dha, sababni isaa inni akkaataa barreefamaatiin "Ijoollee namaa" fi "Ijoollee namaa" ta'uu isaan, garuu jechootni adda addaa laman wal jijjiruutu ta'a, "Namaa" f. kan jalqabaa Addaam jecha jedhuu dha (BDB 9), innis yeroo hundaa hiikii isaa "Mucaa namaa." lammaffaan jecha tole jecdhuu dha(BDB 35). Nama dhiiraaf jecha oole. Dabalataanis gaaleen lama wal fakkaataa ta'uu danda'u (NEB, FAru. 62:9, Isa. 2:9, NET kitaaba qulqulluu).

**49:3 "Ogummaa…hubachuu"** isaan kun lamanuu jechi kan lakkoofsa baay'eeti (baay'ina simboo isaa), kanas yaada wal dorgomsiisuu kan ibsu. Kun ogummaa ol jedhee dha, hubannaa guddate. Kun kan yaadaan liqimfamuu barsiisaa ogummaa dhugaa Waaqayyoo dubbata.

**▣**
**NASB, NKJV**
**NRSV "gadi fageesanii yaadu"**
**TEV, REB "yaada"**
**NJB "hasaasu"**
**JPOSA "haasaa"**
**NAB "dhageesisuuf"**

Kun qofti bifa hundee kanaaf ta'ii dha,הגה (BDB 212). Kan hundichaa hiiki bu'uura "aaduu" "hafuura dheeraa baaffachuu" "dhageesisuu" dha.

Akkaataa yaada barreefamaa kanaatti inni kan inni argisiisu yaada keessaa faarfattichaa ti. Isa ta'uu danda'a

1. Ogeessa /falasama
2. Leewwii/Faarfataa
3. Luba/og-waaqummaa

**49:4 "Gurra koo gara fakkeenyaattan qaba"** kun fakkiduu tuquu dha, fakkeenya ta'I jedhee dhaggeefachuuf, hiika isaa hubachuun akka danda'amuutti. "Fakkeenya" jechi jedhu (BDB 605) jecha ogummaa duriiti, innis kan hiphoo, jechamoota rakkisan, yookaan iciitii dhugaa yaad-rimee kan qabate kan fakkaatu. Ta'us, kan lak. 4 holoolo lammaffaan, inni hiphoo akka dhi'eessu karaa argisiisu fakkaata (BDB 295) isa booddees hiika kenna. Kan lakkoofsa 4 walakkaan kutaawwan kan bu'uuraa bifa ogummaa kan argisiisan fakkaatu. Barreessichi kana dhugaa argisiisa, aadaa isaa/addunyaa karaa namoonni hubachuu danda'aaniin.

## MACAAFA FAARFANNAA: 49:5-9

**5Guyyaa wanti hamaan narra ga'u,**
**Warri faana na dha'an**
**Hamaa gochuudhaaf yeroo na marsan,**
**Maaliifan sodaadha?**
**6Isaan kun qabeenya isaanii in amanatu,**
**Sooruma isaanii isa tuullataniinis of in jaju*.**
**7Dhuguma iyyuu namni nama furu,**
**Yookiis gatii furee sanaa Waaqayyoof**
**Baasuu danda'u hin jiru;**
**8Gatiin furee lubbuu isaanii soonaan guddaa dha,**
**Bara baraanis utuu hin baafamin in hafa*.**
**9Kanaafis namni bara baraan nama jiraachisuu,**
**Awwaalamuus isa oolchuu hin danda'u.**

**49:5-9 "Guyyaa hamaatti maaliffan sodaadha"** kun faarfannaa kana irratti dabalaa kan deemu ergaa dha.

1. Jireenya - Iyoob 11:17, Faru. 39:5, 89:47
2. Addunyaa - Faru. 17:14

Hiiki kan murteessu akkaataa yaada barreeffamaan ta'uu isaa yaada dhaa, galme jechaa/hundee jechaa osoo hin taane.

Namoonni gaariin yeroo hundumaa ni ajaa'ibsifatu, waa'ee jireenyaa haqummaa (Iyoob, Faarfanna 73, Imbaaqoom). Hamootni yeroo hundumaa ni badhaadhuu, qajeelonni rakkina fudhatu. Kunis Lewoota 26 fi Keessa deebii 27-30 kan faalleessu fakkaata. YHWH eebba saba isaa fi badhaadhina orma gara isaatti booji'uuf itti fayyadamuu barbaadeera. Ta'us, UUmama 3 sababa kufaatiitiin, kan kakuu isaa mucaan namaa illee yoo ta'e seera isaa eeguu hin dandeenye. Badhaadhni qofaan kan dhufe gara jal'aa, saba rakkisaatti.

Addunyaan kun Waaqayyo akka ta'uuf kan uume miti. Sabni isaa amala isaa argisiisuu hin dandeenye (Hiz. 36:22-23). Ijoolleen namootaa kufan ofii isaanii yookaan maatii isaanii, yookaan olla isaanii fayyisuu/oolchuu hin danda'an!

**49:5 "Cubbuun dinoota koo na marse"** KJV "koomee" jecha jedhu qaba "dinootaan" bakka. Ka'umsi jecha Ibirootaa (BDB 784) Yaaqoob wajjin wal qabata, yeroo dhalatuutti koomee obboleessa isaa akka

qabate, fi kanaaf, “Walin dha’aa,” “Butaa,” yookaan “fudhataa,” kan jedhuun mogaafame. Kun “diina” yaad-rimee jecha jedhuuti, asitti.

**49:6 “Baayina badhaadhummaa isaaniitiin kan of jajan”** gochamni kun “Of-jajuu” (BDB 105, KB 120) yeroo baay’ee kan inni raawwatu faarfannaa fi Isaayas irratti (Isa. 26:3-4, 30:15). Faarfannaa 37 irratti Waaqayyo qofti akka amanamuu baraneerra! Lakkoofsi kun faallaa dha, namoonni ofi isaanitti yeroo amanatan yookaan qabeenya isaaniitti (Iyoob.31:24, Faru. 62:10, Fak. 11:28, 23:4-5, Mariqoos 10:23-31, 1Xim. 6:17-19).

**49:7 “Obbolessi obboleessa hin fayyisu”** Ibirootaan “Obboleessa” jechi jedhu (BDB 26) jalqaba irratti gurra guddisuuf kan inni ta’u. NEB, REB, RSV, NRSV אח (obboleessa) gara אך (dhugummatti jijjiru, BDB 36). Pirojectii barreefamaa UBS (fuula 245) “Obbolessaaf” sadarkaa “A” kenna. Namni Ibirootni kaa’uu ofii isaa/ishee illee akka hin fayyifne dha (jechuun, fayyisuu, oolchuu).

**49:7,8 “Furuu…hiikuu…fayyisuu”** gochamoota Ibiroota lama jiru:

1. “Furuu” - BDB 804, KB 911, *Qal* INFINITIVE ABSOLUTE and IMPERFECT VERB, kan hundee wal fakkaataa, xiyyaafanaaf
2. “Hiikuu/oolchuu” (BDB 145 I miti) - BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT BDB 497 I wajjin, “Namni gatii jireenya isaa Waaqayyoof kennuu hin danda’u”

Lamanuu kan isaan argisiisan tokko deebisanii bituu dha, garbummaa irraa yookaan hidhaa loltuutiin qabuun. Mata-duree addaa ilaali, furuu/oolchuu Faru. 19:14 irratti.

**49:8-9 “Gatiin furee lubbuu isaanii soonaan gudda dha” “Bara baraanis osoo hin baafamiin hin hafa.”** Kun yaada qabeenyaa dha, innis xiyyaafannoo kan inni kennu namni ammam illee soreessaa yoo ta’e, jireenya isaa dheerrefachuuf kaffaltiin godhamu yookaan du’a booda jireenya eeggachiisuun baay’ee guddaa dha. Asitti wangeellii Yesus Kristoos misiraachoo kan inni ta’u (Isaayaas 53, Maariqoos 10:45, 2Qor. 5:21)!

Wal cina hubadhuu.

1. Bara baraan hafeera hoo (BDB 761)-- BDB 292, *Qal* PERFECT Waw wajjin
2. Bara baraan jiraachuutu irra jira (BDB 664) -- BDB 906, KB 309, *Qal* JUSSIVE
3. Isa guddaa ilaaluun irra hin jiraatu (BDB 1001) -- BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT

Kristaanootni barreefamoota akka kana kan fakkaatan hiikuudhaaf ni rakkatu, sababni isaas hubannaa kakuu haaraa keenya fi hiikootni yaad-rimee kakuu moofaa irratti dubbisuu keenyaan. Kun durummaan Isaayaas 53 yookaan Yohaannis 3:16 wajjin walitti hin dhufu. Kun kan inni dubbatu dheeraa, fayya qabeessa, badhaadhina jireenyaa wajjini dha. Badhaadhinni kana mirkaneessuu hin danda’u! addunyaa kufeen kakuuf abboomamuu illee kana mirkaneessuu hindanda’u (jechuun, Iyoob, Yisi’aaq, Isra’eel).

Dhugumatti ka’umsi tokko tokko jiru, du’a booda waa’ee jireenya jiru, kakuu moofaa irratti (jechuun, Iyoob. 14:14-15, 19:25-27, Faru. 16:10, Dan. 12:2), Ta’us garuu kutaa baay’ee keessatti kakuu moofaan kan inni ibsu jireenya kana dha!

**49:8 “Kan ulfaatee”** akkaataa yaada barreefamaa kakuu moofaa irratti, kan oolchuu/fayyisuu gatii kan ture

1. Du’a beelada qulqulluu ta’ee, akka jijjiraati (Leewoota 4) lubbuu mucaa namaa cubbammaatiif yookaan Leewota 16 hawaasa amantiif
2. Faarfannaa 51 irratti aarsaa gosa kami iyyuu hin ture, ta’I jedhee kan hojjette cubbuu Daawiitiif (Lew. 4:2;22;27, 5:15-18, 22:14), kanaaf Daawiit “Garaa cabbee fi gaddee” dhi’eesse (Faru. 51:17)
3. Walummaa galatti gatiin isaa kan baafame “Hoolaa Waaqayyoo inni cubbuu biyya lafaa kan dhabamsiisu” dha (Yohaannis 1:29). Kunis raajameera Isa. 52:13-53:12 (jechuun, tajaajilaa rakkina fudhatu). Kun yaad-rimee labsii jijjiramaa Yesuusiin ibsameera (Maariqoos 10:45),

Phaawuloos (Gala. 1:4, 1Qor. . 15:3, 2Qor. 5:21), Pheexiroos (1Phex. 2:21-24), fi barreessaa Ibirootaa (Ibr. 7:26-27, 9:28).

**49:9 "Bara baraan akka jiraatuuf, Badiisas akka hin argine"** asitti rakkoon badhaadhinaa jira. Innis deebii ga'umsa isaa hin kennu. Innis nama fuula Waaqayyootti qajeelaa gochuu hin danda'u, kanaaf jireenya dheerressuu hin danda'u. kanaaf, inni abdii sobaati, inni al tokko argamee kan badu dha. Ifni dhugaa qofaan, abdiin dhugaa qofan, fi jireenyi dhugaa qofti Waaqayyoon kan inni argamu.

## MACAAFA FAARFANNAA: 49:10-12

**10 Ogeessonni iyyuu akka du'an eenyu iyyuu in arga,**
**Namni gowwaanis, namni doofaanis, lafa irraa in badu,**
**Qabeenya isaaniis warra kaaniif in dhiisu*;**
**11 Biyya maqaa isaaniitiin waamamu yoo**
**Qabaatan iyyuu, awwaaloonni isaanii**
**Bara baraan mana isaanii ti,**
**Dhalootaa amma dhalootaatti lafa boqonnaa isaaniti.**
**12 Namni ulfina isaatti jiraachaa hin hafu,**
**Namni horiitti yookiis bineensatti fakkeefamee**
**Waa'een isaa in raawwatama*.**

**49:10 "Ogeessoonni akka du'an argineera**
**Namni gowwaanis , namni doofaanis lafa irraa akka badan,** ammam illee fakkiiduun kun Lal. 2:15, 16 irratti kan argamuu wajjin wal fakkaataa yoo ta'es, asitti bifa kan biraan faayidaa irra kan inni oole. Asitti du'a waan hundumaa, namootaa fi bineensoota dabalatee, kan walitti dhufuu qabeenya isaaniittin bara dheeraa bituu danda'uu dhabuu isaanii wajjin. Namoonni adda addaa sadii yookaan firoonni lak. 10 irratti kan fudhataman fakkaataa, nama ogeessa, nama gowwaa, nama doofaa/miira hin qabne . bineensoonni lakk. 12 fi 20 irratti eeramu isaanii irraan kan ka'e tokko tokkoo kan isaan ilaalatan, asitti kan eeraman "miira malee" dha (BDB 129, gosa bineeldootaa, Faru. 73:22).

▣ **"Horii isaanii kan biroof akka dhiisa"** dabalataan Lalaba2:18-23 baay'ee kan gargaaruu dha. Ammam illee namni tokko soreessa yoo ta'es, inni/isheen yoo du'an, hundumaa kan biraadhaaf kan isaan dhiisan.

**49:11 "Garaa isaaniitti mana isaanii bara baraan akka jiraatu"** barreefama Ibirootaa MT, namni sooressi isas ta'e qabeenyaan isaa bara baraan akka jiraatan amana kan jedhu yaada qabateera. Ta'us, LXX yaada isaa faalleessa, "Awwaallii isaanii bara baraan mana isaaniti" gara jedhuutti. Dhugaa kam iyyuu yoo ta'e, inni ammas kan argisiisu qabeenyatti amanachuu ga'umsa gowwummaati.

Pirojektii barreefamaa UBS (fuula 246) qaba

1. קרבם - kan keessaa isaanii (NASB, "Yaada keessaa," BDB 899)
2. קברם -- awwaalli isaanii (BDB 868). Innis sadarkaa "B" kenna (shakkii muraasaa) fillannoodhaaf lak. 2 (NJB, REB, JPSOE, LXX, Soriyaa Valget)

"Manoota" kan jedhu jecha argisiisuu kan danda'u kan barreeffamanan fi kan callaqisan awwaala gatii qabeessa dha. Isaan, akka Fariyoonitti kan isaan yaadan awwala foonii ofii isaaniitti yaadannoo isaanii mirkaneessuu, kanaaf du'aa kan hin taane bifa jedhuun.

▣ **"Biyya biyya isaanittis maqaan isaanii ni waamama"** namoonni akka itti yaadan mirkaneeffachuuf karaawwan isaan ittiin yaalan inni tokko bakka teessuma lafaa gaarii isaan duukaa bu'ee mogaassuu dha (yookaan gochawwan seera qabeessa maqaa isaanittiin gochuu). Kunis immoo gowummaa dha, maqaawwan baraa barootaatti waan jijjiramaniif.

**49:12 "Namni garuu ulfina qabeessa ta'ee osoo jiru hin beeku"** walcina wal fakkaataa kennuuf yaalu irraan kan ka'e lak. 12 fi 20 irratti NEB fi REB jijjira -

"Ulfinaan" (NASB, "agarsiisa bareedaa"), ביקר BDB 430, kan jedhu gara

"NEB, REB, "sumsuma"), בקר BDB 133

Pirojecktii barreefamaa UBS "Ulfinaan" kan jedhu sadarkaa "B" kenna (shakkii muraasa) lak. 12 irratti sadarkaa "A" (amansiisaa) lak. 20 irratti. Ifaa kan ta'e, qabeenyaan of jajuu fi raajuun asitti xiyyaafannoon akka itti kennamee dha (Lal. 3:19-23).

## MACAAFA FAARFANNAA: 49:13-15

**13 Kunoo, warra gowwummaadhaan of amanatanitti,**
**Kan akkasituu dhufa**
**Dhumni warra isaan duukaa of gurguddisuu**
**Isaanitti gammadanis akkas.**
**14 Isaan iddoo lafa jalaatiif kaa'aman,**
**Duunis akkuma hoolotaa isaan in tiksa;**
**Bifni isaanii inni akka manaatti keessa jiraatan**
**Immoo, ganamaan isaan irratti mootummaa hin argatu.**
**15 Waaqayyo garuu humna iddoo lafa jalaa**
**Harkaa na baasa; inni dhugumaan ofitti na fudhata*.**

**49:13 "Kun warra gowwodhaaf karaa dha"**
Gowwaan kan inni eeru tokko iyyuu (1) Akka Waaqa beekuuti nama dubbatu, garuu jireenya isaa keessa Waaqayyo kan hin jire kan ta'e yookaan (2) ifatti nama hamaa ta'e. kakuu moofaatti akka amanaa hin taanetti kan jiru dhugummaatti kan akkasii hin jiru (Isa. 53:1).

"Karaan" ciigoo kakuu moofaati tooftaa jireenyaaf. Yaadannoo ilaali Faru. 1:1 irratti.

▣ **"Isaan booda kan dhufan afaan isaanitiin tole jedhu."** Kun kan inni argisiisu qabeenya oftuullummaa dhiibbaa jireenya falaasama isaanii irratti kan jiruu dha. Mata-duree addaa ilaali FAru. 1:1 irratti. Innis ijoollee isaanii, barattoota isaanii, kan biroon soreessa ta'uuf namoota fedhan, yookaan hiriyoota isaanii kan argisiisuu dha. Kun bu'aa xumuraati, ilaalcha sobaa addunyaa (Matt. 15:14, Luqaas 6:23).

▣ **"Selaay"** kun jecha mareen baay'een irratti adeemsifamee dha,

1. Yeroof dhaabuu
2. Sagalee kaasuu
3. Qooqaa gidduu galuu
4. Bara baraan, akka barsisootaa

Hiikootni waan baay'ee jiraachuu kan argisiisu dhugaan, eenyu iyyuu amansiisaatti akka beeku dha. Yaadannoo ilaali Faru. 3:2 fi seensa faarfannaaf, VII.

**49:14 "Akka hoolota gara si'ool deemaniiti"** jechi si'ool jedhukan inni argisiisu "bakka warra du'aniiti", kakuu moofaatti. Innis bakka damaqoo ta'aan ta'ee mul'ata, garuu gammachuun hin jiraatu, tokkummaan hin jiraatu, kanaaf ilaalcha dimimisaa dukkanaati, guyyaa callisuuti. Mata-duree addaa ilaali Faru. 1:6 irratti.

▣ **"Tikseen isaanii du'a"** kun akkuma jirutti "Du'ii isaan nyaachisa" . wal cina sodaachiisaa akkamiiti. Faru. 23:1 bareedina wajjin. Du'I gammachuu biyya lafaa kanaa isaan wlitti qaba, dhuma irratti garuu summii ta'a (Fakkeenya 1-8).

▣ **"Qajeelootas ganamaan isaan bita"** dhugaan kun kitaaba qulqulluu hunda irratti barsiiseera (Dan. 7:18, Mil 4:3, 1Qor. 6:2, Mul. 2:26).

▣ **"Ganamaan"** kun argisiisuu kan inni danda'u

1. Ifa dhugaa Waaqayyoo
2. Ifa jireenyaa
3. Ganama bara dhumaa yookaan ganama guyyaa haaraa

NIDOTTE jildii 1, fuula 327, :Ifaan" kan bakka bu'aan wantoota gaarii tarreefama qaba.

1. Fayyina- Faru. 27:1, Isa. 49:6
2. Badhaadhinaa fi nagaa - Isa. 45:7
3. Kakuu YHWH- Isa. 42:6
4. Haqaa fi tola - Isa. 51:4, 59:9
5. Eebba - Faru. 89:15
6. Waaqayyo ofii isaa - Faru. 27:1, Isa. 60:1-3, 19:20
7. Tajaajilaa rakkina fudhatu - Isa. 42:6, 49:6
8. Masihii - Isa. 9:2

Dubbiffamtootni Ibirootaa karaa adda addaatiin qoqooduun ni danda'ama, "Kallattiidhaan gara awaalchaatti deemu" ("NIDOTTE, jildii 1, fuula 713). Kunis buusaa isaa irraa dhugaa gidugaleessaa wajjin karaa foyya'aan wal sima (NRSV, REB).

▣ "Xumuruu" gochamni jedhu (BDB 115, KB 132, *Piel* INFINITIVE CONSTRUCT) akkuma jirutti "Duloomuu" jechuu dha. Kanaaf yaadni hololichaa

1. Si'ool isaan nyaata (fakkiiduun si'ool, akka beelada beella'ee yookaan warra Kana'aaniif Waaqa du'aa kan eeru, Mot,NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu ilaali, fuula 785, yaadannoo miila jalaa AB, fuula 300).
2. Qaamni biyye irratti tortota, qaamni hunduu du'a booda akka ta'anitti (NRSV, TEV, JPSOA).

**49:15 "Gooftaan garuu lubbuu koo humna si'ool oolcha,**
**Innis na simata"** kan akkamii dhugaa jabaa dha! Qabiyyee dhuunfaa isaa hubadhu - "Ani"! asitti jireenya booda mirkaneeffannaa jalqabaa qabna (yookaan Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhi'oo, asii fi amma bara jireenyaa hundumaa fi amanamummaan isaa itti fufiinsa kan qabu!), kan inni hundaa'ees hojii namaa irratti miti, garuu jaalala Waaqayyoo irratti malee. Asitti, amantii dhuunfaa, jedhees jireenya abbomamuu fi amanachuu, Waaqa keenya wajjin bara baraan ta'uuf badhaasa argatu (yaadannoo ilaali Faru. 23:6 irratti).

"Fudhachuu" jechi jedhuu (BDB 542, KB 534), Uma. 5:24 irratti Henookiif faayidaa irra ooleera. Inni gara argama YAahiwweetti ce'e!

Si'ooliif Faru. 6:5 fi 9:13 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 49:16-20

**16 Namni yommuu sooromu, ulfinni mana isaas**
**Baay'achaa yommuu deemu, waan guddaa**
**Siti hin fakkaatiin,**
**17 Namni yeroo du'uu waan tokkoo iyyuu fudhatee**
**Hin dhaqu, ulfinni isaas isa duukaa hin dhaqu*;**
**18 Inni bara jireenya isaatti gammaduu isaa haa himu,**
**Ofi isaatinis, "Gaariitti jiraachuu keetiif namoonni**
**Si haa jajan!" haa jedhu!**
**19 GAruu inni abboota isaa warra du'an, warra baraan**

**Iyyuu deebi'anii ifa hin argine bira dhaquun isaa hin oolu.**
**[20]Namni ulfina qabaatee hubannaa dhabe,**
**Horiitti yookiis bineensatti fakkeeffamee,**
**Waa'een isaa in raawwatama**

**49:17 "Yeroo du'uutti isa wajjin homaa hin fudhatu"** kun dhugaa dha qabeenyaan warra warri amanan yeroo du'aatti dhiisanii akka deeman (1Xim. 6:7). Mul'ata 13:14 kan nutti himu Waaqayyoof kan jiraatan hojii gaariin akka isaan duukaa bu'uu dha. Kitaaba jireenyaa fi kitaaba gochaa jira (mata-duree addaa ilaali Faru. 9:5 irratti). Waaqayyo isaan badhaasa kan jaallatanii fi kan tajaajilan. Guyyaan firdii ni dhufa- guyyaa itti Waaqa keenya beekan guyyaa badhaasaa isaaniif taa, garuu ofii isaaniitiin kan amanatan, guyyaa bara baraan adda ba'uu isaanitti ta'a (Matt. 25:31-46,Mul. 20:11-15).

▣ **"Ulfinni isaa"** jechi Ibirootaa kun (BDB 458 II) hiika isaa kan ta'u
1. Eebba (irraa hafaa"
2. Kabaja
3. Ulfina

▣ **"Gadi bu'uu"** gochamni kun (BDB 432, KB 434, *Qal* IMPERFECT) kan ibsu warra du'an lafa keessa yookaan biyyoo keessan kan jedhu amantii dha. Mata-duree addaa ilaali, warri du'an eessa jiru? Faru. 1:6. Kunis gara biyya warra du'anitti gadi bu'uu karaa ittiin labsanii dha. Kakuu moofaatti warri Seem du'aa isaanii ni awwaalu.

**49:18 "Jireenyaatti osoo jiruu lubbuu isaa eebbiseera"** lakkoofsi kun kan walitti dhufuu oftuullummaadhaan warra of jajanii dha, qabeenya ofii saaniitti amanachuun. Ta'us garuu saaduun dha'icha. Addunyaan Waaqayyoo kan safuutti, kanaaf tokkoon tokkoon Waaqayyoof deebii kennuuttu irra jiraata (Dan. 12:2, Matt. 25:31-46, 2Qor. 5:8, Mul. 20:11-15).

"Isaa"F (nephesh) FAru. 3:2 yaadannoo ilaali.

**49:19 "Ta'us gara dhaloota abbootaatti gadi bu'a"** kun kan inni argisiisu dhugaan awwaala kakuu moofaa yeroo hundaa kan inni godhu awaalcha maatiitti, daannoo keessa ta'uu isaati. Kakuu moofaa kan eeruu kun, maatii wajjiin waa'ee awwaalaa.

▣ **"Ifa raawwatanii hin argan"** kun yaad-rimee wal fakkaataa kan ibsu fakkaata lak. 14 irra akka jiru. Innis ifa jireenyaa, ifa dhugaa jechuu ta'uu danda'a, garuu kan inni ta'u dukkana si'ool - Waaqayyoon kan hin beekne bakka isaan jiraatan (Iyoob 3:16, 33:28, 30, Faru. 36:9).

**49:20** kun sirritti akka lakkoofsa 12 kan jiruu dha, kanaaf guduunfaa faarfannaa kanaa wajjin walitti dhufa. Inni kan nama gaddisiisuu dha garuu fakkii dhugaa nama badeeti, qabeenya ofii isaatiin maratee akka dhaabbate (Matt. 7:13-14).

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Addunyaan ogummaan Yihudiin guutame dubbachuun maaliif barbaachiisaa?
2. Guyyaa hamaatti sodaa malee faarfattichi sababa akkamitti kan inni dhi’eessu?
3. “Labsuu” jecha jedhu ibsi.
4. Faarfannaan kun lalaba wajjin akkamitti walitti firooma?
5. Si’ool maalii dha?
6. Lakkoofsa 15 tokkummaan og-waaqummaa isaa maaliidha?

# FAARFANNAA 50

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo abbaa murtii isa cubbamaa fi isa qajeela<br>Seensa MT faarsaa Asaaf | Waaqayyo abbaa murtoo qajeelaa | Sirna waaqeffannaa firdii waaqayyummaaf | Waaqeffannaa isa dhugaa | Dhugaa fi afuuraan waaqessuu |
| 50:1-6 | 50:1-3 | 50:1-2 | 50:1-2 | 50:1-3a |
| | | 50:3-6 | 50:3-6 | 50:3 b-4 |
| | 50:4-6 | | | |
| 50:7-15 | | | | 50:5-6 |
| | 50:7-11 | 50:7-11 | 50:7-11 | 50:7 |
| | | | | 50:8-9 |
| | | | 50:12-15 | 50:10-11 |
| | 50:12-15 | 50:12-15 | | 50:12-13 |
| 50:16-21 | | | 50:16-18 | 50:14-16a |
| | 50:16-21 | 50:16-18 | | 50:16 b-17 |
| | | | 50:19-21 | 50:18-19 |
| | | 50:19-21 | | |
| 50:22-23 | | | 50:22-23 | 50:20-21 |
| | 50:22-23 | 50:22-23 | | 50:22-23 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun faarfannaa kan biraa dha innis waan hundumaa kan qabate (50:1;4; 12, Faru. 45:16, 46:10, 47:2, 48:2;10, 49:1). Kun karaa kan biraa dha, YHWH akka uumaatti jabeessuuf (Faarfannaa 104), Waaqa qofaa isaa (mata-duree addaa ilaali, tokkummaa Faru. 2:3 irratti).

B. Inni uumaa ta'uu isaa irraan kan ka'e, inni qofaa isaa faradadha. Namoonni isaanitti faradama, Waaqayyo wajjin walitti dhufeenya qabaniin,
   1. Amantii
   2. Abboomamuu
   3. Waaqefannaa

Seerrata waaqefannaa yookiin waaqefannaa tokkummaa wali galtee raawwachuu osoo hin taane. Amantiin dhugaan kan lapheeti, harkaan dura!

C. Faarfannaan kun waa’ee firdii namoota hundumaa miti, garuu waa’ee saba kakuu isaati, waaqni, lafti, fi namoonni hunduu akka duukaa bu’an. Kaayyoon firdii kanaas
   1. Yeroo tokko tokkoo garaa amantii deebisuuf
   2. Warra tokko tokkoo amantii dogogoraa ibsuudhaaf

D. Faarfannaan kun kan inni eeru
   1. Seerrata waaqeeffannaa irratti kan xiyyaafate duuka buutota (lak. 7-15)
   2. Duuka buutota amantii hin qabne (lak. 16-21)
   3. Guduunfaa muraasa lak. 22-23 irratti

E. Kan eeran baay’een jiru, kan haasaa yookaan mirkaneessuuf), lak. 1B, 4
   1. Kan haasaa, lak. 1A
   2-3. Lalaba (jechuun, dhugaa ba’uuf yookaan mirkaneessuuf), lak. 1B, 4
   4. Cal jechuu dhiisuu, lak. 3, 21A
   5-6. Haasaa kallatti YHWH, lak. 5,
   7. Labsuu, lak. 6A
   8. Nan dubbadha, lak. 7A
   9. Dhugaa nan ba’aa, lak. 7A
   10. Nan mirkaneessa, lak. 8, 21
   11. Aarsaa galataa, lak. 14A, 23A
   12. YHWH ni jedha, lak. 16 A (faarfannaan baay’een YHWH yeroo dubbatuu dha, lak. 5, 7-15, 16-21, 22-23)
   13. Ni dubbata, lak. 16B
   14. Dubbiin koo, lak. 17B
   15. Afaan kee, lak. 19B
   16. Arrabni kee, lak 19B
   17. Ni dubbata, lak. 20A
   18. Jecha maqaa namaa balleessu, lak. 20B

Dubbii isaaniitiin isaan beektu, jechi isaanii laphee isaanii waan mul’isuuf (jechuun, firootni lamanuu, Matt. 12:33-37, Luq. 6:45).

**QAYYABANNAA JCHAA FI GAALE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 50:1-6

**1 Waaqayyo gooftaan inni danda’aan in dubbata,**
**Ba’a-biiftuutii jalqabee hamma lixa isheettis**
**Biyya lafaa in waama;**
**2 Tulluu mandara Xiyoon isa midhagumaatti**
**Guutuu ta’e irraa, Waaqayyo in calaqqisa*.**
**3 Waaqayyo keenya in dhufa, callumas hin jedhu;**
**Ibiddi xaph godhu fuula isaa dura,**
**Bubbeen humna-qabeessis naannoo isaa jira*.**
**4 Inni saba isaatiif firdii kennuudhaaf,**
**Bantiiwwan waaqaa warra gara olii jiran,**

**Lafas itti in waama*.**
[5] **"Warra anaaf of kennan, warra aarsaa irratti**
**Anaa wajjin kakuutti galan, walitti anaaf qabaa!" in jedha!**
[6]**Waaqayyo ofii isaa abbaa firdii waan ta'eef,**
**Bantiiwwan waaqaa qajeelummaa isaa in labsu**

**50:1-6** aanguun kun kan inni argisiisu YHWH abbaa firdii qajeelaa ta'uu isaa (lak. 6). Baay'een isaa kan faarfannaa kanaa fakkii nuuraa agarsiisa mana murtiiti.

1. Lafa nii waama, lak. 1,4
2. Lamannuu ragawwaan bara baraa - waaqnii fi lafti (Kes. 4:26, 30:9, 31:28, 32:1), lak. 4
3. Waaqayyoo fii isaa abbaa firdiiti, lak. 5
4. Si irratti dhugaa nan ba'aa, lak. 7, guutummaan biyya lafaa, waaqnii fi lafti, akka dhugaa ba'aan waamamu isaanii hubadhu, dhimma YHWH saba kakuu isaa yeroo komateetti

**50:1** faayidaa irra kan oole maqaawwan hafuuraa/waamama isa hubadhu (mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti).

1. El, lak. - BDB 42, maqaa Waaqayyoo walii gala, faayidaadhaan (ba'a dhi'oo durii) "Jabaa ta'uu" jalatti,
2. Elohim, lak. 1;2;3;6;7 (yeroo lama), 14;16, 23 - BDB 43, Waaqayyo akka uumaatti, kennaa, fi soortuu, jireenya hundaaf
3. YHWH, lak. 1 - BDB 217, kakuu Waaqa kennuu, Waaqayyo akka fayyisaatti, oolchaatti, (lak. 5)
4. Eliyon, lak. 14 - BDB 751 II, yaadannoo guutuu ilaali Faru. 46:5 irratti, "Ol aanaan" (kes. 32:8, Faru. 9:2, 21:7, k.k.f)
5. Elo'ahi, lak. 22 - BDB 42, qeenxeen Elohim (baay'inaan Iyoob irratti)

Ta'uu kan inni danda'u warri dursan sadan waamam tokko akka qopheessanii dha (Iya. 22:22). LXX, NJB, fi AB (fuula 304) akka jedhanitti, Waaqayyoo (El) waaqa tolfamaa (Elohim) YHWH dha." Barreefamni/og-Waaqummaan tokko tokkoo sababawwan qabu, isaan maqootni sadan duraa fi duuba qabachiisuuf, inni garuu warra ammayyaa jalaa badeera.

▣ **"Lafa"** jechi Ibirootaa kun Iretis dha(BDB 75, mata-duree addaa ilaali, Faru. 1:2 irratti). Jecha wal cinaa, "Addunyaa" (BDB 385, Faru. 9:8,18:15, 19:4, 24:1, 33:8, 50:12), baay'inaan faayidaa irra kan oole Faarfannaa fi Isaayaas irratti dha.

▣ **"Ba'a aduutti kaasee hanga lixaati"** gaaliichi (Faru. 113:3) fakkiduu waan hundumaati, akka "bahaa hanga lixaatti." Namoonni hunduu gara xadecha YHWH ti waamameera. Yaad-rimeen kun gara kakuu haaraa kan inni dhufee akka

1. Firdii hoolotaa fi re'ootaa, Matt. 25:31-46
2. Teessoon firdii Waaqayyoo, 2Qor. 5:8
3. Firdii Teessoo adii guddaa, Mul. 20:11-15

Kunis 1 Qor. 15:25-28 irratti eerameera. Namoonni Waaqayyoof deebii hin laatu, waa'ee kennaa jireenyaa soortuummaa isaanii!

**50:2 "Xiyoon"** magaalaan Waaqayyoo asii, Yerusaaleem, kan ilaalte akka "raawwii midhaginaa" ti. Faru. 48:2 irratti "ilaalchaaf kan bareede, gammachuu lafa hundumaa" kan jedhuun waamamteetti. Ibsitooni gaalee lammanuu wal makeera, Faru. Erm. 2:15 irratti. Yaadannoo ilaali, Faru. 2:6, 9:11, 20:1 irratti.

▣ **"Waaqayyo ifa ta'ee dhufa"** gochamni wal fakkaataan kun (BDB 422, KB 424, *Hiphil* IMPERATIVE) faayidaa irra ooleera Faru. 80:1 (*Hiphil* IMPERATIVE) fi Faru. 94:1 (dalataan immoo *Hiphil*

IMPERATIVE). Faru. 49:14 irratti nuura ifaa ti (Faru. 27:1, Isa. 60:1-3;19-20) fi mucaan isaa immoo (Yohaannis 8:12, Yohaannis 12:36).

**50:3** gochamni kun kan inni jalqabu JUSSIVES lamaan ("Ta'uu danda'a….").

1. Waaqni keenya ni dhufa- BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Cal hin jedhu - BDB 361, KB 357, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole

Guyyaan firdii ga'eera kanaaf namoonni Waaqayyoo jalqabatti ni gaaffatamu (Erm. 25:29, 1Phex. 4:17).

▣ **"Abiddii fuuldura isaatti ni guba"** abiddii yeroo hundumaa kan inni wal qabatu

1. Qulqullummaa/qulqullina Waaqayyoof - Dan. 7:10
2. Qulqulleessuu - Lak. 31:23
3. Firdii - Lew. 10:2, Lak. 16:35

"Abiddaa" wajjin kan wal qabate fakkeenya nuura guutu tarreessi mata duree addaa ilaali Faru. 11:6 irratti.

Akkaataa yaada barreefamaa kanaan inni kan inni wal qabatu ibsa qaamaa lafaatiin, yeroo Waaqayyo qulqulluun bira ga'uutti ("Ni dhufa," lak. 3A) uumamni isaa kufe (Faru. 18:7-15, 97:1-6).

**50:4 "Waaqaa …..lafa"** isaan kun lamanuuwaabii ragaati (Lak. 35:30, Kes. 17:6, 19:15) YHWH saba isaa gara mana murtiitti yeroo fudhatu (50:4-5;7;16-21;22-23). Isaan kun kan isaan bakka bu'an kan jalqabaa kan uumamaan lamaanii dha (jechuun, lafaa fi qilleensa naannoo ishee).

**50:5 "Walitti qabuu"** gochamni kun (BDB 62, KB74, *Qal* IMPERFECT) akkaata qabiyyee yaada barreefamichaatti "Qulqulleessuun" kan jedhu wajjin wal cina dha (lak.1,4). "Qulqulloota" akka ta'an hubadhu (jechuun, saba kakuu) isaaniif guyyaa firdiitiif kan walitti qabaman (jechuun, "Teessoo firdii Kristoos" 2Qor. 5:10 immoo amantootaa warra hin amanneef osoo hin taane).

▣ Duuka buutootni waaqeffannaa irratti xiyyaafatan akkamitti akka ibsaman hubadhu.

1. Qulqulloota koo, lak. 5
2. Anaa wajjiin kakuu galan, aarsaadhaan, lak. 5
3. Saba koo, lak. 7 (jecha kakuu)
4. Isaanis akka godhaniif abboomamaniiru (lak. 14-15)
   A. Aarsaa galataa akka dhi'eessan *Qal* IMPERATIVE)
   B. Kaka isaaniif isa olaanaan akka godhan (*Piel* IMPERATIVE)
   C. Yeroo rakkinaatti YHWH akka waaman (*Qal* IMPERATIVE)

▣ **"Qulqulloota koo"** jechi/waamamni kun (BDB 339) faarfannaa irratti yeroo hundaa faayidaa irra ooleera, duuka buutota amanamoo eeruudhaaf (yaadannoo ilaali FAru. 4:3, 12:1, 16:10, 18:25, 30:4, 31:23, 32:6, 37:28, 43:1, 52:9 irratti k.k.f). Faarfannaa 16:10 irratti inni kan inni eeru ramaddii isa guddaa dha, akkasumas kakuu haaraan kan inni eeru Masihichaaf.

Asitti kan inni argisiisu warra Israa'elootaati, isaaniis aarsaa waaqeffannaa irratti baay'ee kan xiyyaafatan, kanaaf amantii dhuunfaa fi akkaatee jireenyaa gaarummaa irratti didoo warra ta'an.

▣ **"Anaaf"** argisiisni firdii illee yoo ta'ee tokkummaa waamicha dhi'aateeti. Cubbammaaf kan firdii fi waamicha adda baasuuti! Waaqeffannaa irratti kan xiyaafate amantootni waamicha jijjiramaati.

**50:5 "Kakuu"** jechi jalqabaa og-Waaqummaa kun (BDB 136) kan Ibirootaa miti. Yaad-rimeen isaa karaa fooyya'aan kan inni ibsu Waaqa kakuu fi abboommii, itti fufiinsa kan qabu, fillannoo itti gaaffatamummaa qabu, akka uumama namuummaatiin (mata-duree addaa ilaali Faru. 25:10 irratti).

▣ **"Aarsaadhaan"** mata-duree addaa armaan gadii ilaali.

## MATA DUREE-ADDAA :Aarsaan kan Mesopotamiyaa fi Esraa'eel fi faayidaa isaa

(Isaan Yaadannoowwan kun anaaf qayyabannaa kakuu moofaa kan qoodanii dha. Dabalataannis NIDOTTE irratti gabatee jiru ilaali, jildii 4, fuula 1020-1021)

I. Seerrata waaqeffannaa Mesoopotamiyaatti
   A. Aarsaan durummaan nyaata waaqa tolfamaaf dhi'aatuu dha. Iddoon aarsaa isaa teminjaala waaqa tolfamaa ture, achi irras nyaatichi ka'aama. Iddoo aarsichaa cina qodaan qumbii jira, innis yaada waaqa tolfamaa booji'uuf. Tokkuummaan waaqefannaa dhiiga isaa keessaa hin turre. Billaa kan qabatu qoonqoo bineeldichaa ni mura. Nyaattis waaqa tolfamichaaf, mootii-lubichaatiin, fi warra dhi'eessaniin (namoota argamaniif) ni qoqooda. Aarsaa kan dhi'eessuu homaa hin fudhatu.
   B. Aarsaan bakka namaa dabarsee of kennuu hin ture.
   C. Dhukkubni yookaan rakkinni adaba waaqa tofamaa biraa dhufee ture. Bineelda akka fidu godhamee bada, kunis aarsicha kan dhi'eessuuf akka bakka bu'aa ta'aa.
   D. Seerratni waaqefannaa Israa'eel adda kan ta'ee fi amala isaan kan adda ta'e ture. Innis durummaan namni dhuunfaa ija inni hojjette Waaqayyoof deebi'ee kan dhi'aatu ture, bifa nyaata barbaachiisaatiin (Uma. 4:1-4, 8:20-22).

II. Seerrata ulaagallee waaqeffanna Kana'aan irraa (Israa'eel wajjin baay'ee wal fakkaataa)
   A. Burqaawwan
      1. Ibsitiwwan kitaaba qulqulluu
      2. Og-barruu xinsagaa
      3. Barreefama dhagaa Raas Samiraa Ugareet irraa, waaqa tolfamaa Kana'aanii fi homteewwan kan ilaalate, dhaloota Kristoosiin dura naannoo bara 1400
   B. Aarsaa Israa'eeli fi Kanaa'an baay'ee wal fakkaataa dha. TA'us, xiyyaafannaa akkamii iyyuu kan ka'aamee hin jiru dhiigaa aarsaa Kana'aaniin dhi'aatu.

III. Seerrata ujaagallee waaqeffannaa warra Gibxii
   A. Aarsaan ni dhi'aata, garuu kan raefame miti
   B. Aarsaan baay'ees faayidaa hin qabu ture, garuu garuu gara aarsaatti kan goru ture.
   C. Aarsaan kan inni godhamu dheekamsa waaqa tolfamaa dhaabuuf ture.
   D. Aarsaa kan dhi'eessuu bilisa ba'uu yookaan dhiifama akka argatuuf abdii godha ture.

IV. Seerrata aarsaa Israa'eelii fi aarsaan Israa'eel Kanaa'an wajjin waa'ee walitti dhi'aachuu isaa, ammam illee isaanii wajjin guutuu guuttuutti yoo walitti hin dhi'aannees.
   A. Gaaleewwan labsii
      1. Aarsaan harka namaatiin Waaqayyoon yreoo barbaadu akka tasa kan inni dhi'eessu labsii ture.
      2. Seerratni kakuu moofaa isaaniif aarsaa kan isaan wajjin wal qabsiisan aarsaa kakaasaniiruu jechuun hin danda'amu (Uma. 7:8, 8:20).
      3. Arsaan kan dhi'aatu ture (bineelda yookaan biqilaa).
      4. Aarsaan kan inni dhi'aatu guutummaattis ta'e walakkaan bakka aarsaa irratti baduutu irra jiraata, Waaqayyoof bakka adda ta'e .
      5. Iddoon aarsaa bakka aarsaa tiure kanaaf fakkeenyummaan isaa argamuu hafuuraa.
      6. Aarsaan gocha waaqeffannaa alaanii ture (argisiisa kadhannaa alaan godhamu).
      7. Hiika aarsaa "argisiisa kadhanna" yookaaan "Seerrata kadhannaa waaqefannaa". Seerratni waaqefannaa faayidaan isaa fi nu isa irratti kan nu qabnu dursi ejjennoo aadaa, Gordeen J. Weniham irratti ibsameera (Tindale, Nambers, fuula 25-39). Warra Leewotaa fi seerri lakkoofsaa lammanuu hanga baay'ee kan qabuu waan akka kanaatiif qabateera, kunis faayida isaa kan ilaalatu, Museedhaa fi Israa'eeliif.
   B. Aarsichi kan inni of keessatti qabatu

1. Kennaa Waaqayyoo
    a. Guutummaan biyya lafaa hunduu kan gooftaa ta'uu ishee kan of keessaatti qabatu
    b. Namni kan qabuu hunduu, kan gooftaa akka ta'e
    c. Kanaaf, namoonni kennaa Waaqayyoof fiduun isaanii sirrii dha
    d. Inni gosa adda ta'eef ifaaja yookiin eebba ture. Innis nama tokko beekamtii isaaf jecha gosa inni godhuu ture. Innis waan tokko kennuu irra kan darbu ture, innis gosa isa barbaachiisu ture. Innis qaama isaa Waaqayyoof akka kennuu ture.
    e. Kennaa isaa balleessuudhaaf deebisee gaaffachuun hin danda'amu.
    f. Aarsaa gubamu kan argamu ta'eera, gara teessoo Waaqayyootti qajeelcha
    g. Iddoon aarsaa duraanii kan isaan duuka bu'an bakkawwan Waaqayyo itti argame irratti ture. Iddoon aarsichaa akka bakka qulqulluutti lakka'ama, kanaaf, aarsichi achi dhufa.
2. Kan isa tokkoo jireenya guutuun labsii Waaqayyoof kennamuu isaa
    a. Aarsaan gubamu heyyama sadan aarsawwanii keessaa isa tokkooffadha
    b. Guutummaan bineensichaa kan inni gubamuufulfina guddaa Waaqayyoof ibsuu dha
    c. Kun kennaa ifaa ta'ee dha, Waaqayyoof
3. Tokkummaa Waaqayyoo wajjin
    a. Kallatti waligaltee kan qabu aarsaa
    b. Aarsaan nagaa fakkeenya tokko ta'uu danda'a, innis Waaqayyoof nama fakkeenya tokkummaa namni fi Waaqayyoo qabani kan ta'u
    c. Aarsaan kan godhamuuf tokkummaa kana argachuudhaaf ture
4. Adaba qooda cubbuu
    a. Namni cubbuu yeroo hojjetu Waaqayyoon gaaffachuutu irra jiraata, walitti dhufeenyi isaa akka deebi'uuf (kakuu) innis namni kan inni cabse
    b. Tokkuummaan nyaachuun hin jiru, yeroo aarsaa cubbuuf godhamuuti, sababa walitti dhufeenyi addaan cabeef
    c. Faayidaa dhiiga isaati
        (1) Bakka aarsichaatti ta'a, waa;ee namaaf
        (2) Uwwisa irratti ta'a, waa'ee lubaatiif
        (3) Mana jireenyaa araaraa isaa irratti ta'a, luba guddichaa fi saba isaaf (Lewoota 16)
    d. Cubbuun gosni lama arsaawwan turan. Inni lammaffaan aarsaa miidhaa yookaan aarsaa irra daddarbaa jedhama. Isa irras daddarbee gara gosaa Israa'eelootaati deebisa, kan fudhatame yookiin kan miidhame, karaa aarsaa beeladaatiin.
    e. Aarsaan gosa kami iyyuuu hin ture, dursamee kan itti yaadame yookaan cubbuu ta'I jedhame godhame, Lew. 4:2;22;27, 5:15-18, 22:14

V.Seerrata Leewotaa, aarsawwan gosa adda addaatiin

A. Lewoota 1
1. Labsii seensaa, "Waaqayyoos Museetti dubbatee," 1:1-2, 4:1, 5:14, 6:1;19, 7:22, 28
    a. Bineeldoota keessaa yookaan hoomaa keessaa
    b. "Yoom" (yeroo) lak. 2, kan inni argisiisu kun dirqiisiisaa ta'uu dhiisuu isaati, kan heyyamaa malee
2. Aarsaa gubamu, lak. 3-17 (6,8-13)
    a. Sidaarsaa
        (1) Sidaarsaa sibiila cimaa, inns immoo aarsaa gubamu sirdaasa kan jedhamu balbala godoo argamaatti sirdaasaa jiru yookaan sirdaasa muka wadeessaa, sibila cimaan kan uwwifame (Bau. 27)
        (2) Kunnis kan beekame isa godha, sirdaasaa qumbii (sirdaasaa warqee) bakka qulqulluutti (Bau. 30)

(3) Sirdaasaa qodaa qumbii irratti giimii cillee fudhaanii sirdaasaa qumbii irratti godhama
(4) Sirdaasaa sibila cimaa kan jiru godoo wal argee seensa irratti gidduu galeessa isaa irratti dha
(5) Sirdaasichii gaanfoota qaba, innis baay'ee kan qulqullaa'e kutaa dha. Dhiigi isaa gara gaanfa isaatittii godhama (Bau. 30:10)
(6) Gaanfoonni isaa ta'uu kan isaan danda'an:
  (a) mallattoof harkaaf aarsaa isaa ol qabee qabuu
  (b) Kan jabinaa yookaan fakkeenya humna guddaaf (Kes. 33:17, 2Sam. 22:3)
  (c) Booda irratti, eenyu iyyuu gaanfa sirdaasichaa fayyummaan isaa kan eegame ta'a, dhimmi isaa mana murtiitti amma murtaa'uutti (1Mot. 1:50-51, 2:28)

b. Aarsaa
(1) Dibbicha mudaa hin qabne innis adda durummaan kan eerame, faayidaa isaa fi gatii isaa irraa, Lew. 1:3
(2) Re'ee korma yookaan hoolaa, 1:10
(3) Guggeewwan yookaan piginooya, 1:14 (hiyyeessaaf kan yaadame)

c. Aarsaa gubamu bakki isaa seensa balbala argama godoo irratti ture,

d. Harka irra kaa'uun, kun kan inni ta'u dibichoota qofaaf ture, re'ootaaf, holootaaf yookaan simbirootaaf osoo hin taane, 1:4
(1) Aarsaa kan dhi'eessuu ofii isaa isa kana godha (Lubicha osoo hin taane)
(2) Baay'een kan isaan yaadan inni mallattoo gochichaa ta'uu isaati, waa'ee yakka irra daddarbaaf
(3) Warri tokko tokko kan isaan amanan isa jechuun
  (a) Bineensi kun kan inni dhufee bnama nama dhuunfaa kana irraa
  (b) Aarsichi dhii'aachuun kan irra jiraatu maqaa nama aarsaa sana dhi'eesuutiin
  (c) Iji aarsaa kanaa kan inni ta'uuf bineeldicha irra harka isaa kan kaa'ee dha

e. Qalma
(1) Dbbicha - "Gooftaa duratti," nama aarsaa dhi'eessuu. Aarsaa kan dhi'eessuu horicha qaluu, gogaa isaa irraa baasuu, fi kukkutuuttu irra jiraata. Gaheen Lubaa (sabichi aarsaa dhi'uussuu irraa kan hafee) kan inni jalqabu namichi bineeldicha gara aarsaatti yeroo fidu dha.
(2) Hoolaa yookaan re'ee, 1:11 - "Sirdaasicha irraa gara kaabaatti, gooftaa duratti." Kun kan inni murtaa'ee bakka adda ta'ee dha, isaan bineensoota muraasa kanaaf.
(3) Simbiroo - "Lubichi aarsaa kana qalee dhi'eessa." Aarsicjha kan dhi'eessu baallee simbirochaa dhabamsiisuutu irra jiraata.

f. qabiinsa dhiigaa
(1) Lubichii sirdaasaa irratti dhiiga dhangalaasa, kanaaf naannoo sirdaasiichaatti ni facaasa.
(2) Jireenyi bineeldaa dhiiga isaati,(Uma. 9:4, Lew. 17:11). Jireenyi duraan dursamee kan Waaqayyooti, kanaaf, dhiigni kennaa namichaa kam iyyuu bakka bu'uu hin danda'u.
(3) Dhiiga simbiroo srdaasicha irratti warabaa, inni abiddaan hin gubamu.

g. Qabiinsa foonii
(1) Dibbicha, Lew. 1:6
  (a) Aarsicha kan dhi'eessu gogaa aarsichaa irraa baasa. Lubichi gogaa isaa nii kaa'aa (Lew. 7:8)
  (b) Aarsaa kan dhi'eessuu buusaa busaan ni kukkuta
  (c) Lubichi aarsicha sirdaasa irra ni kaa'aa, jireenyaatti akkuma jirutti,

bifa wal qixaateen

(d) Miila isaa fi mi'a garaa isaa gabatee irratti bishaanjiruun ni dhiqama

(e) Lubichi guutummaa bineeldichaa sirdaasaa irratti ni gubama

3. Aarsaan gubammu tibbaa inni itti gubamu
   a. Godoo bultii, ayyaana, bakka adda ta'e
   b. Guyyaa harreefamuutti
   c. Ayyaana torbaniitti, angafa, yookaan abbaa shantamaa
   d. Ayyaana xurumbaa
   e. Bissii raasuun (Lewoota 23)
   f. Ayyana maxinootti, faasikaa
   g. Jalqaba ji'aatti, adeessa haaraa
   h. sanbatatti
4. faayyidaa aarsaa gubamuu
   a. kennaa Waaqayyoof
   b. innis baay'ee gatii akka qabu gosa aarsaatti lakkaa'ama
   c. innis akka yaad-rimee cubbuutti walii galatti lakkaa'aama, yookaan galata dhi'eessuu
   d. yaada aarsichaaf baay'ee bakka buusa fooyya'aa
   e. jireenya isa tokkoof mallaattoo aarsaa
   f. jireenya nama dhuunfaa tokkoof tajaajila Waaqayyoof raawwatani qulqullaa'uu (kennamuu) bakka bu'a
   g. Sadarkaa gatii aarsichaa
      (1) Korma
      (2) Hoolaa - Re'ee
      (3) simbira
   h. kunnis dammaqinsa waan hafuuraa barbaaduu kan qabu Waaqayyoon dhi'eessuun akka danda'amu argisiisa. Waaqayyoo namoota hundumaaf kennaawan godheera.
5. Abboommii adda ta'ee lubaaf Lew. 6:8-12
   a. Aarsaan gubamuu halkan hundumaa iddoo abiddaa sirdaasichaa irratti ni jiraata
   b. Akka abidda boba'uutti gubama, aarsaa gubamuun
   c. Wayyaan lubichaa kan ilaalatee qajeelfamoota of keessatti qabata
   d. Waa'ee daaricha dhabamsiisu qajeelfamoota of-keessatti qabata

B. Lewoota 2:1,-16 (6:14-23)

1. Seensa
   a. Boqonnaan kun kan inni ilaalatu aarsaa midhaanitti
   b. Aarsaan midhaannii "Kennaa" hundee hiika jedhuuti. Innis jecha ogummaa ta'eera, bineelda kan hin taane, yookaan kennaawwan midhaanii.
   c. Bittaan boodatti kennaan qulqulluun midhaanii kan inni dhi'aatu aarsaa gubamuu fi aarsaa bnagaa dabalata ta'eeti, barsisoonnis baay'ee hiyyeessa kan ta'e qofaa isaa dhi'eessuu akka hin dandeenye ibsu.
   d. Qadaadni ashaboo immoo ibsameera, Lak. 18:19 fi 2Sen. 13:5 irratti. Ashaboon faallaa dhangaga'aati. Innis akka Waaqayyo mallattoo kakuu faayidaa irra ooleera, sababni isaa inni kan hin balleefamnee fi kan ga'uu ta'uu isaan.
2. Midhaan kennaa qulqulluu kan inni of keessatti qabatu ijii gatii dadhabbii Waaqayyoof kennamuu dha.
   a. Innis kennaa Waaqayyoofti, nyaataa guyyaa guyyaa sabichaa irra.
   b. Innis wali galatti dabalata dha (keessaa iyyuu dursa guyyaa bittaa boodaa) kan gubatu yookaan aarsaa nagaa.
   c. Aarsaan Waaqayyo kan kennee dha lubichaaf. Kutaa muraasa qofa gubba, yaadannoo

guutumma isaa akka ta’u.

d. “Yaadanno” jechi jedhu kan inni ibsu kutaa inni ta’u, yookaan sana guutuu gara fuula Waaqayyootti kutaa dhi’aatuu dha.
e. Yaad-rimee kakuu haaraa hirbaata Gooftaa akka “Yaadannoo” ta’uun isaa kakuu moofaa kanaa yaad-rimee ibsa.
f. “Qulquullooftuu” fi “Qulqulluu qulqullootaa” jechoota jedhan gidduu garaagarummaa jiru,
    (1) “Qulqulluu” - Lubichaa fi maatii isaa nyaachiisu danda’u bakka qulqulluu kamitti iyyuu
    (2) “Qulqulluu qulqullootaa” -luboota qofaan kan jedhamu, bakkagodoo wal arge

3. Gosoota
    a. Daakuu hin tolfamne (dureessaaf), Lew. 2:1-3
    b. Maraawwaan tolfaman yookaan maannaa, Lew. 2:4-11
    c. Asheeti boqolloo yookaan bissi qamadii (hiyyeessaaf), Lew. 2:12-16
        (1) Daakuun hin tolfamne buusii guddaa turee. Innis baay’ee kan fooyya’ee daakuu qamadii ture.
        (2) Daabboo tolfame
            (a) Dibatni qabiyyee isa tokkooffaa ture
            (b) Iddooo abiddaa irratti qophaa’aa, 2:4
            (c) Sibila irratti tolchan, 2:5
            (d) Suphee irratti waadaan, 2:7
        (3) Asheetii boqolloo yookaan qamadii
            (a) Waadamuutu irra jiraata
            (b) Hanga hanga isaatti kukutama
            (c) Keessumoota fuul-duratti akka nyaata dhi’aatuutti qophaa’aa
4. Yeroo nyaatni tolfamu waantoota itti naqamu hundumaa
    a. Daakuu gaarii horii mudaa hin qabne wajjin godhame
    b. Dibatni mallaattoo badhaadhinaatti, fi kanaaf, mallattoo argamuu Waaqayyoo
    c. Jh
        (1) Nyaataaf, aarsaaf,  qorichummaa fi dibachuuf faayidaa irra ooleera
        (2) Dibata fayyadamuun kan ta’uu dibata kennaa qulquulluu bakka bu’uu
    d. Qumbiin Hidii irraa yookaan Araba irraa turee
        (1) Akka waan baay’ee qulqulluutti mul’ata, foolii gaariin
        (2) Mallattoo kadhataa fi galataa ti
    e. Ashaboo
        (1) Jireenya kan kennuu jedhee qabiyyee eegumsaa (tortoruu irraa)
        (2) Tarii kan caaluu tokkuumaa waan nyaatatti naqamuun eeguu caalaa
    f. Wantoota keessatti hi hirmaatamne
        (1) Bukoo kan of keessatti hin qabannee, 2:11
            (a) Bukaa’uu isaa irraan kan ka’e ta’uu danda’a
            (b) Bukoon tortoruu wajjin wal qabata
            (c) Kaajamtoota wajjin dhi’aachuu danda’a akkasumas lubicha irraa
        (2) Dammi keessatti hin hamatamne
            (a) Dhangala’ichi kuduraa irraati malee damma kaniisaa irraa miti
            (b) Seerrata waaqeffannaa Warra Kana’aaniif dhu’aachuu ta’uu danda’a
5. Seerrata Waaqeffannaa buusii
    a. Innis gara Lubichaatti dhi’aata, guutummaa seerratichaa  gara geggeefamuuti (2:2;

9;16)

b. Walakkaa buusichaa Lubichi ni nyaata, mana qulqullummaatti. Innis baay'ee qulqulluu dha.

6. Faayidaan isaa
   a. Gadi deebii'aa amma isa guddaati dhi'aata
   b. Walakkaan isaa gubachuu inni tokko ija hojii isaa walakkaa Waaqayyoof dhi'eessuu isaa bakka bu'a
   c. Hiikii isaa ifaa kan ta'e
      (1) Aarsaa gubamu- qulqullaa'uu jireenya isa tokkoo
      (2) Aarsaa nyaataa - hojii guyyaa isa tokkoo irraa kan kenname
7. Qajeelfma midhaan kennaa qulqulluuf kenname, 6:14-23
   a. Sirdaasaa cinatti kan dhi'aatu
   b. Ija aarsichaa irraa kan dhi'aatu buusii kennaa Waaqayyootti, dhugummaan isaa garuu kan lubaa seerrata isaa deggeruuti

C. Lewoota 3:1-17 (7:13-34), aarsaa nagaa
1. Seensa
   a. Maaliif
      (1) Buusii tokkummaa
      (2) Aarsaa kakuu
      (3) Buusii walitti qabame
      (4) Aarsaa guduufaa
   b. Innis kan inni eeruu galata Waaqayyoof dhi'aachuu isaati, Waaqayyoo irraa, maatii irraa, hiriyoota wajjin tokkummaa qabu irraan kan ka'e,
   c. Innis yeroo hundumaa gocha isa dhumaa ture, aarsaa duraa fi aante ta'an,isaanis haraaramuu kan fidan
   d. Aarsaan gubamuu gati-qabeesummaa abboomamuu yeroo ibsu, aarsaan nagaa immoo tokkummaa Waaqayyoo wajjin ta'u gammachuu inni qabaatu argisiisa
   e. Dhiira yookiin dubara garuu mudaa kan hin qabne
   f. Garaagarummaa aarsaa
      (1) Hoomicha keessaa dhiira yookinis dubara
      (2) Hoolaa fi re'ee gidduu garaagarummaa jiru duboo hoolaa irratti cooma jiru ture
         (a) Hoomicha keessa tumaalessa hoolaa - korma yookaan dhalaa
         (b) Hoomaa keessaa re'ee - korma yoaakaan dhalaa
2. Seerrata waaqeffannaa
   a. Akkaataa dhi'eessa aarsaa
      (1) Aarsicha irra harka kaa'uu
      (2) Balbala wal argee godichaa durratti qaluu
      (3) Garaagarummaan aarsichaa akka gubamu gosa aarsaa ture
      (4) Naannoo sirdaasichaa dhiigaa facaasu
      (5) Buusaa fillataman sirdaasaa irratti Waaqayyoof gubuu
         (a) Cooma (duboo hoolaa) fakkeenya badhaadhinaa
         (b) Kallee, tiruu mallattoo heyyamaa fi miiraa
         (c) Aarsaa kan dhi'eessuun aarsa gubamu irratti qaama coomaa argamuuti, yookaan ganamaan aarsaa hoolaa
   b. Aarsaan galataa kan inni of keessatti qabatu (Lew. 7:11-14)
      (1) Maxinoo hirbaata qulqulluu dibataan kan makame
      (2) Maxinnoo maraa dibataan kan dibame
      (3) Daakuu gaarii dibataan kan dibame

3. Gahee lubaa, Lew. 7:28-34
    a. Agraachii isaa lubichaaf ni kennama aarsaa sosocho'uuf
    b. Sosochoo'uun aarsicha harka isa aarsaa dhi'eessuutti fi harka lubichaatti jiraachuu of keessatti qabata. Innis aarsaa kan dhi'eessuu aarsaa Waaqayyoof dhi'aate argisiisa, isa booda deebisee lubichaan fudhachuu isaa.
    c. Luka isa mirgaa aarsicha kan raawwatu luba dha
    d. Ol kaasuun aarsicha Waaqayyoof ol qabamee deebisee lubichi fudhata
4. Ga'ee nama aarsaa dhi'eessuu, Lew. 7:15-18
    a. Aarsaan galataa yeroo dhi'aatuutti ni nyaatama, 7:15
    b. Kakuu galuun (kan waadaa) yookiin aarsaa fedhii guyyaa dhi'aatuutti ni nyaatama yookaan guyyaa itti aanuutti, 7:16
    c. Ga'een kun hundumaa Waaqayyoof kan kennamu hin ture, Waaqayyoonis lubichaaf
    d. Waaqayyoo mallattodhaaf aarsaa kan dhi'eessuu fi maatii isaa keessaa fi hiriyoota isaa wajjin aarsaan kun ni nyaatama
    e. Aarsaan kun xiyyaafannaa kan inni kennuu walitti dhufiinsa tokkummaa deebi'uu isaati

D. Lewoota 4:1-5:13 (6:24-30) aarsaa cubbuu
1. Seensa
    a. Kun aarsaa isa jalqabaati, seerratni wanta isa guddaa yeroo ta'u.
    b. Aarsaan kun immoo nama dhaaba, namaa fi Waaqayyoon gidduu kakuu jiru.
    c. Aarsaan kun kan inni of-keessatti qabatu:
        (1) Cubbuu osoo hin beekiin hojjetame
        (2) Cubbuu ta'ii jedhame hin godhamne
        (3) Cubbuu miiraa
        (4) Innis ta'I jedhame cubbuu godhame hin aaraarsu, hameenya of-tuullummaan Waaqayyoon irratti kan godhame. Ta'I jedhame kan godhame, of-tuulummaaf, duraan dursamee cubbuu itti yaadmeef aarsaan hin ture (Lak. 15:27-31).
2. Hiiki isaa
    a. Aarsaan kun yakka cubbuu adaba isaa ni araarsa.
    b. Kunis ayyaanni karaa Waaqayyootiin fi amantii karaa namaatiin of-keessatti qabata.
    c. Aarsaan gosa kami iyyuu seerrata waaqefannaan aarsaa homaa hin argisiisu. Agarsiischa booda amantii isa aarsaa dhi'eessuutu ture.
    d. Ta'us, aarsaa kan dhi'eessu labsii ol jedhe ture. Isaafis waan tokko godhaaf. Walitti dhufiinsa Waaqayyoo wajjin qabu deebisee dhaabaaf.
    e. Seerratni Waaqeffanaa Waaqayyo kan kenne galumsa deebi'uu ture, amantii dhuunfaa kan bakka bu'u osoo hin taane.
    f. Waaqayyo gocha amantaa kam iyyuu ni jiba, amantii wajjin amma walitti hin dhufneetti, Isa. 1:10-20, Amos 5:21-24, Mikiyas 6:6-8.
3. Seerrata waaqeffannaa
    a. Luba gudichaaf, Lew. 3-12
        (1) Luba guddicha -luba dibame
            (a) Cubbuu, doggogoraan saba geggeessuu
            (b) Cubbuu, uumama namummaa
            (c) Lubi guddichi, bakka bu'aa afuuraa hawaasichaati. Inni cubbuu yoo hojjette,sababa isaan hunduu cubbuu hojjetu. Kun kan Yihuudii hubannaa wali galaati (Iyaa. 7, Rom. 5:12).
        (2) Ulaagaan isaa
            (a) Lubi guddichi korma mudaa hin qabne gara sirdaasichaatti ni fida

(b) Harka isaas mataa isaa irra ni kaa'aa
(c) Lubi guddicha horicha ni qala
(d) Lubi guddichi uwwisaa isaa irratti yeroo torba dhiigicha ni facaasa
   i. Kunis mana qulqullumichaa ni qulqulleessa
   ii. Mallattoodhaaf gara Waaqayyootti kan inni fudhatuuf karaa bana
   iii. Dhiigni gaanfa sirdaasaa qumbii irratti godhama
   iv. Dhiigni sirdaasaa aarsaa gubbamuu irratti akka dhangala'eetti ni hafa
(e) Innis coomicha hundumaa sirdaasicha irratti kaa'aa, akka gubamuuf
(f) Qaama horichaa irraa kan hafee mandaraan alatti bakka qulqulluutti geessa, 4:12, achitti bakka daaraan sirdaasaa itti namuutti, achitti qaamni horii inni hafee ni gubama

b. Sabichaaf, Lew. 4:13-21
   (1) Isaan cubbuuu kan isaan hojjettan abboommii seeraa yeroo cabsanii dha, 4:13-21
   (2) Ulaagaan isaa
      (a) Jaarsoolliin dubicha mudaa hin qabne gara sirdaasichaatti fidu
      (b) Jaarsoolliin isa irra harka isaanii ni kaa'u
      (c) Jaarsoolliin hiricha ni qalu
      (d) Lubi guddichi dhiigicha uwwisa irratti yeroo torba ni facaasa
         i. Kunnis mana qulqullummichaa qulqulleessa
         ii. Fakkeenyummaadhaanis karaan gara Waaqayyootti geessu ni bana
         iii. Dhiigni gaanfa sirdaasa qumbii irratti godhama
         iv. Inni hafee hundee sirdaasichaa irratti dhanga'a
      (e) Hunduu kan dhi'aatu  sirdaasicha irratti
      (f) Hafteen horichaa mandarichaa alatti gara bakka qulqulluutti fudhatama, lak. 12, achittis daaraan aarsichaa bakka dhangala'uutti , qaamni horicha hafee achitti ni gubama

c. Geggeessaaf, Lew. 4:22-26
   (1) Geggeessaa (bitaa) 4:22-26
      (a) Geggeessaa gosaa
      (b) Hawwaasicha keessatti nama itti gaaffatamummaa qabu
      (c) Jaarsa
   (2) Ullaagalee
      (a) Geggeesichi re'ee korma gara sirdaasichaatti fida (re'ee rifeensa qabu, jaarsa)
      (b) Geggeesichi harka isaa mataa isaa irra ni kaa'a
      (c) Geggeessichi horicha ni qala
      (d) Lubi guddichi aarsaa gubamu gaanfa sirdaasaa irra dhiiga isaa ni kaa'aa-dhiigni hafee sirdaasa aarsichaa jalati dhangalaafama
      (e) Coomni hunduu sirdaasicha irratti gubama
      (f) Lubootni foon hafe ni nyaatu

d. Nama dhuunfaaf, Lew. 4:27-35
   1. Nama dhuunfaaf - cubbuu gochuun isaa yeroo hubatameetti aarsaa kana akka godhu ta'a
   2. Ullaagaalee
      (a) Namni dhuunfaa r'e dhaltuu yookaan hoolaa dhaltuu ni fida
      (b) Namani dhuunfaa ofi isaa irraa harka isaa nii ka'aa
      (c) Namni dhuunfaa horicha ni qala
      (d) Lubichi  gaanfa sirdaasa aarsichaa irratti dhiigicha kaa'aa - kan hafee sirdaasicha jalatti dhangalaafama

(e) Coomni hunduu sirdaasicha irratti ni gubama
(f) Lubootni foon hafe ni nyaatu

e. Aarsaa cubbuu keessatti kan hammataman dhimoota addaa, Lew. 5:1-13 (isaan kun ta'uu kan isaan danda'an ta'I jedhame kan godhame hiriyaa kakuu irratti cubbuu raawwatamuu dha)
   (1) Ragaan dhi'aatee dhuga-baatii isaa yoo hin kennine (hiri'ina odeefannoo kennuu), 5:1
   (2) Horii xuraa'ee xuquu, 5:2
   (3) Nama xuraa'ee xuquu, 5:3
   (4) Kakuu maal na dhibdiin dubbachuu, 5:4
   (5) Cubbuu armaan olitti jiran aarsaan isaa:
      (a) Hoolaa dhaltuu yookaan re'ee
      (b) Gugeewan lama yookaan Pigoni
      (c) Daakuu gaarii kan efahi 1/10ffaa
f. Aarsaa cubbuuf seerrata waaqeffannaa, Lew. 6:24-30
   (1) Lubichii kan hafee nyaachuu ni danda'a
   (2) Dhiigni wayyaa isaa yoo xuqee, wayyaan isaa micamuutu irra jiraata
   (3) Dhiigi suphee yoo xuqee, suphichi ni cabsama
   (4) Dhiigichi yoo qodaa meetii xuqee, qodichi ni miicama
   (5) Aarsaan gubamuu gara iddoo qulqulluu yoo dhufe, isa booda foonichi gubachuutu irra jiraata, lubichaan hin nyaatamu
g. Faayidaa aarsaa cubbuu
   (1) Ta'ii jedhamee cubbuun itti yaadame hojjetame aarsaa homaa hin qabaatu - cubbuu ta'ii jedhame hin godhamne yookaan beekuu dhiisuudhaan kan raawwatame cubbuu qofa dha, Lew. 4:15;18.
   (2) Dhiifamni maal of keessatti qabata:
      (a) Karaa namaatiin amantii
      (b) Karaa Waaqayyootiin araara

E. Lewoota 5:14-19 aarsaa yakkaa yookiin irra daddarbaa
   1. Seensa
      a. Aarsaan cubbuu cubbuu raawwatameef akka ta'u, aarsaan yakkaa immoo hiriyaa kakuu irratti miidhaa geessifame fi yaadaan bakka buusuu irratti ta'a.
      b. Aarsaan cubbuu fi yakkaa baay'ee kan wal fakkaatanii dha.
      c. Mirga nama dhuunfaaf abboomota kurnan irratti ibsameera (Ba'uu 20, Kessa deebii 5).
         (1) Mana
         (2) Kuufama waan gaarii
         (3) jireenya
      d. aarsaan kun xiyyaafannoo kan inni itti kennuu obbolessa keenya irratti miidhaa gessifne dha, cubbuu hojjechuun, miidhaa barreesichaaf waan godhameef bakka buusuu akkasumas 1/5 dabalataan.
   2. Cubbuu aarsaa barbaaduu
      a. Waaqayyoo fi kan isaa kan ta'e irratti
         (1) Angafa ijaa
         (2) Angafa kan dhalate, Lew. 5:14-16
         (3) Buusii
         (4) Aarsaa akka malee dhi'aate
         (5) Kennaawwan gatii gad aanaa qaban

b. "namni cubbuu yoo hojjetee fi Waaqayyo hin hojjetin jedhe kan inni abboomee tokkoo yoo godhee , ammam illee yoo hin beekne ta'ees, yakkamadhaa, kanaaf adaba isaa ni fudhata

F. Aarsaan durii dhi'aachaa kan inni ture
   1. Waaqa tolfamaa dheekamu wajjin nagaa fiduuf
   2. Waaqa tolfamaa nyaachiisuuf
   3. Waaqa tolfamaa wajjin wal arguuf
   4. Waaqa tolfamaa galateeffachuuf
   5. Miira dhiifamaa yookaan walitti araaramuu fiduuf

**50:6** kun mirkanneefamaa ciigooti YHWH akka uumaatti, fi ta'es firdii kennuuf mirga akka qabu.

▣ **"Samiwwaan qajeelina isaa dubbatu"** kun kan inni mirkaneessu "Argama uumamaa" ti (Faru. 8:3, 19:1-6, 97:6, dabalataanis Yohaannis 12:7-10 irratti yaadannoo jiru ilaali).

▣ **"Selaay"** Faru. 3:2 irratti yaadannoo jiru fi seensa faarfannaaf, VII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 50:7-15

**7"Ani nan dubbadha ati immoo dhaggeeffadhu,**
**Yaa saba ko! Ani Waaqayyo, Waaqayyo kee ti;**
**Yaa Israa'eel ani si irratti dhugaa nan ba'a.**
**8Ani 'Aarsaa kee nan dhabe' jedhee si hin komadhu,**
**Aarsaan qalma keetii yeroo hundumaa fuula koo dura jira.**
**9Ani dallaa keetii tuntunoo, karra kee keessaas korbeessa**
**Hin fudhadhu;**
**10Bineensi caakkaa keessa jiraatan hundinuu,**
**Horiin tulloota kuma irratti bobbaa'anis kan koo ti.**
**11ani simbiroota qilleensa keessa balali'an hundumaa beeka,**
**Warri bakkee keessa adeeman hundinuus kan koo ti.**
**12 "Biyyi lafaa wanti isa keessa guutes kan koo waan ta'ef,**
**Ani utuun beela'ee iyyuu sitti hin himadhu.**
**13Ani foon korommii nan yaadhaa ree?**
**Yookiis dhiiga korbeeyyii nan dhugaa ree?**
**14Waaqayyoof galata aarsaa godhii dhi'eessi,**
**Wareega kees abbaa isa hundumaa gararaaf baasi*!**
**15Guyyaa rakkinaatti na waammadhu, ani isa keessaa**
**Butee sin baasa, ati immoo ulfina anaaf in laatta" in jedha*.**

**50:7-15** aanguun kun xiyyaafannoo sadii qabu.

1. Sagaleen isaaf seerratta waaqefannaa irratti kan xiyyaafate duuka buutoota
2. Inni uumama irrratti gooftummaa inni qabu mirkaneessaa, kanaaf aarsaan namaa kan hin barbaachiifne ta'uu isaa, keessaa iyyuu isaaniin kennuuf namoota, YHWH gama isaatiin ta'ee hojjechuuf ni dirqisifama jedhanii yaaduu?
3. Amantiin garaa waa'ee barbaachisummaa isaa (Kes. 10:16, Erm. 4:4), seerrata waaqeffannaa/seerrtta aarsaa waaqeffannaa osoo hin taane (Faru. 51:16-17, Isa. 1:10-15, Hose. 6:6, Amos. 5:21-24, Mikiyaas 6:6-8)

**50:7** Lalaba kakuu duukaa kan bu'an, YHWH yeroo dubbatu dhaga'uudhaaf.

1. Dhagga'I - BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE, abbaan firdii dubbachaa jira
2. Nan dubbadha - BDB 180, KB 210, *Piel* COHORTATIVE
3. Dhugaa isin irratti ba'aa - BDB 729, KB 795, *Hiphil* COHORTATIVE

▣ Lakkoofsi kun gaaleewwan baay'ee qabu, jechoota kakuu jedhamuun kan beekaman.

1. Saba koo )Bau. 19:5-6)
2. Yaa Israa'eel (Kes. 6:4-5)
3. Waaqni kee, ani Waaqayyoo dha (BAu 20:2, yeroo hundumaa Lewoota irra)

Dhimmichi kan inni ilaalatu tooftaa jireenyaa kakuudhaaf abboomamuu dha, akkuma sana aarsaa osoo hin taane. Aarsaan karaa seerrrata Waaqeeffannaati, Waaqayyo qulqulluun mucaa namaa isa cubbamaaf dhiisuu isaatii fi tokkummaadhaan tursuu. Lapheen waan isa gudaa dha (Kes. 10:16) hojiin isaa akka isaa!

**50:10-12** YHWH uumama hundumaa irratti gooftummaa isaa jabeessaa jira. Kan "Tokkoon tokkoon," "waan tokko tokkoo" fayyadama irra deddeebii hubadhu (Kes. 10:14, Nah. 9:6, Faru. 103:19-22).

**50:13** aarsaan kakuu moofaatti akka nyaata Waaqayyoo godhamee raawwatee hin mul'atu ture.

1. Og-Waaqummaa Mesopotamiyaatti Waaqni tolfamaan aarsaa namootaa ni nyaatu.
2. Og-Waaqummaa warra Kanaa'aanitti , Anaz foon nyaata deebi'ees in dhufa.

   Inni tokkoo ajaa'ibsiifachuu danda'a, jechi Israa'eel ammamtu (og-waaqummaa osoo hin taane) himte jalqabaa warra Kana'aan midhaan akka irratti godhame akkasumas booda irratti Yihuudummaan og-Waaqummaa Zoroastreeniin.

**50:11 "Dirree isa kan sosocho'uu"** caaseefamni kun (BDB 260 I fi BDB 961) as qofaa fi 80:14 irratti dha kan inni argamu. Innis "Simbiroota" wajjin wal cinaa dha, fi kanaaf, uumama gosa tokko ta'uutu irra jira (Uma. 1:24-25).

1. Bineensa gad-aanaa (jechuun, antuuta bakkee, antuuta, sardiida, k.k.f)
2. Lubbuu qabeeyyi

Isaan homaa haa ta'an, isaan Yaahiwween lafa kana irra uumama jiru hundumaaf abbaa akka ta'e

**50:14-15** kan aanguu kanaa lakkoofsota xumuraa lamaan seerrata waaqefannaa irratti kan xiyyaafate duuka butoota gochuu wantoota irra jiraatan amala kan agarsiisanii dha, isaaniis Lewoota 1-7 aarsaa wajjin kan walitti hin dhufne.

1. Waaqayyoof aarsaa galataa dhi'eessi - BDB 256, KB 261, *Qal* IMPERATIVE kunis waadaa raawwachuu argisiisuu danda'a, Faru. 66:13-15
2. Wareega kee isa guddaaf kennii - BDB 1022, KB 1532, *Piel* IMPERATIVE (Lakkoofsa 30, Kes. 23:21, FAru. 22:25, 56:12, 61:8, 65:1, 71:11)
3. Ana na waamii (jechuun, kadhannaa) yeroo rakkinaati - BDB 894, KB 1128, *Qal* IMPERATIVE

Isaanis wantoota kana yoo godhan, egaa YHWH "isaan fayyisa" (jechuun, "Isaan oolcha," BDB 322, KB 321, *Piel* IMPERFECT) tokkoon tokkoon isaa. Deebii isaan tokkoon tokkoon isaa Waaqayyoon "galateeffata" (BDB 457, KB 455, *Piel* IMPERFECT)

## MACAAFA FAARFANNAA: 50:16-21

**16 Isa jal'aadhaan garuu Waaqayyo, "Ani maalummaa keetti**
**Seerrata koo tokko tokkoon himta? Kakuu koos maaliif maqaa**
**Dhoofta?" in jedha.***
**17 Itti fufees, "Ati adaba jibbiteetta, dubbii koos of duubaatti gate.**
**18 Hattuu yoo argite gammachuudhaan hojii isaa keessaa in qabaatta,**

**Ejjitootaa wajjinis hidhata in taata.**
**[19]“Afaan kee hamaa akka dubbatuuf gad in dhiifta,**
**Arrabni kees gowwoomsaa tarree in galcha.**
**[20]Ati gad teessee obboleessa kee irratti in dubbatta,**
**Sobaanis maqaa haadhoo keetii in balleessita.**
**[21]Ati kana gooteetta, ani immoo calluman jedhe;**
**Kanaf ati akkuma ofii kee na seete, amma garuu**

**50:16-21** Aanguun kun duuka-buutota amantaa hin qabne kan ilaalatuu dha, asitti (Cubbammaa” jedhameera (BDB 957). Isaan dhiironni/dubartootni/dargagootni saboota kakuu isaati, isaanis jecha isaaniin, hojii isaaniin, fi calisuu isaaniin, hameenyummaa isaanii, of-jaallachuu isaanii argisiisan (jechuun, abboomoota kurnan keessaa sadii kan irra daddarban).

1. Isaan waa’ee Waaqayyooti fi waa’ee kakuu isaa ni dubbatu, ta’us garuu ni callisu, lak. 16 (jechuun lakkoofsota kakuu yookaan seerrata Waaqefannaa irra deddeebi’uu, amantaa malee fi tooftaa jireenyaa)
2. Isaanis ulaagalee isaa ni jibu, cal isaan isaan jalaa jedha, garuu ni callisuus, (jechuun, “dubbii koo akka duuba isaanitti gatu” isaan gochaan waaqa-kan hin qabnee dha), lak. 17, Nah. 9:26
3. Warra hamaa godhan irratti kan hin mufanne qofa miti, warra akkas godhan wajjinis wali galuu malee, lakk. 18 (“ Ija isaaniin….,” Mat.7:16-20, 1Qor. 15:33)
4. Dubbiin isaanii laphee isaanii mul’isa. Lak. 19-20 (Mat. 12:33-37)
5. Obsa YHWH isaanii wajjin ta’uu isaa akka mirkaneeffannaatti fudhatu (Lal. 8:11, Isa. 57:11)

YHWHn garuu ni hojjeta.

1. Nan qora - BDB 406, KB 410, *Hiphil* IMPERFECT faayidaa irra kan oole bifa COHORTATIVE,
2. Dubbicha fuula kee dura seeraan nan jiraachiisa - BDB789, KB 884, *Qal* COHORTATIVE jechuun, galumsa seera qabeessummaa isaa nan qopheessa, Iyoob 13:18, 23:4, 32:14, 33:5

**50:18**
**50:18**

**NASB** **“isaanii wajjin gammadde”**
**NKJV** **“isaanii wajjin adeemte”**
**NRSV, TEV,**
**NJB** **“firooma kee isaan wajjin goote”**
**LXX** **“isaanin wal makte”**
**JPSOA** **“isaan wajjin firoomte”**
**REB** **“hiriyummaadhaaf fillate”**

MT “Ni gammadde” kan jedhu qaba (BDB 953, KB 1280, *Qal* IMPERFECT Waaw wajjin). LXX, Soriyaan, fi Vaalgeet “ni fiigde” yookaan “ari’atamte,” kan jedhu qabu, innis wal cina wajjin karaa fooyya’aa wajjin kan wal simu. Pirojektii barreefamaa UBS MT hundeefama jechaaf sadarkaa “B” kenna (shakkii muraasa).

**50:19**
**NASB, NRSV** **“dirree irraa kan socho’uu hunduu”**
**NKJV** **“bineensa bosonaa dirree jjiran”**
**TEV** **“dirree irra kan jiran lubbuu kan qaban hunda”**
**NJB** **“dirree irra kan socho’uu hunduu”**
**JPSOA** **“uumama dirree irra jiran”**
**REB** **“uumama dirree irra sosocho’an”**

MT “uumama dirree irra sosocho’an” kan jedhu qaba (BDB 265 I CONSTRUCTBDB 961). Jechi jalqabaa as qofaa fi Faru. 80:13 irratti faayidaa irra kan oole. Innis kan inni eeru “Wantoota lubbuu qabaniin kan guutame” dha, Uma. 1:24-26.

**50:21 “Ani akkan akka kee ta’uuf yaadde”** gaaleen kun gocha “Ta’uu” tiin jabaateera, INFINITIVE CONSTRUCT fi IMPERFECT VERB lamaanuun.

Amantootni keessaa ba’aan yeroo hundaa kan isaan tilmaaman hiyyummaa isaanii akka eegameef amantiin isaanii akka Waaqayyoo akka ta’eetti. Mul’atni abbaa seeraa isa xumuraati! Namootni kufan, namoota kakuu yoo ta’an illee, Waaqayyoon yookaan sagalee isaa hubachuu hin danda’an, garuu akka hubatanitti yaadu! Anaaf akka barsiisaa kiitaba qulqulluu, itti dhi’aachuun kan narra jiru wanti guddaan barachuu kan danda’amuu, qalbi kan jijjiratu hafuura gad of deebisuu dha. Og-Waaqummaa koof Og-Waaqummaa Waaqayyoo miti.Inni kutaa aadaa koo miti, namootan yaadachiisu qabu hunduu

1. Haala seenaa keessa
2. Cubbammaa, namoota miidhaman
3. ilikkii fi of-tuullummaaf salphaatti kan harkifamanii dha

Irra caalaa lakkoofsa beekteen, homaa beekuu dhiisuu keen irra caalaa beekta!

## MACAAFA FAARFANNAA: 50:22-23

**22 “Egaa isin warri ana Waaqayyon irraanfattan kana hubadhaa?**
**Kanaa achii ani nan tarsaasa, namni tokko illee kan oolchu hin jiru.**
**23 Namni galata aarsaa godhee dhi’eessu, ulfina anaaf in kenna;**
**Isa karaa isaa qajelfatuttis, fayyisuu koo nan argisiisa!” in jedha.**

**50:22-23** kunlabsii xumuraati, lammanuuf ergaa qaba, seera amantaaa irratti duuka buutotni (tokkummaan) fi warra amantii hin qabnee duuka buutotaan (kallattidhaan kan ilaalatu). Lammanuu “yaadachuu” tu irra jira (BDB 106, KB 122,*Qal*IMPERATIVE).

1. Hamootaaf
   a. Waaqayyoon kan hir’aanfatan
   b. Firdiin ni dhufa, eenyu iyyuu fayyuu hin danda’uLak. 22b
2. Amanamaaf faallaadhaan
   a. Aarsaa galataa kan aarsuu, lak. 23a (lak. 14a)
   b. Ana kan ulfeessu, lak. 23a (lak. 15b)
   c. Karaa qajeelaan kan deemu

YHWHn gosa hamaa ni balleessa (lak. 22b), warra amanamoo garuu ni fayyisa (lak. 23c).

**50:22b “Ta’uudhaa yoo baatee akkan si hin caccabsine”** kun YHWHdhaaf fakkaatii nuuraa ture, akka leencaa (Faru. 7:2, 17:12, Hose. 5:14, mata-duree addaa ilaali, Leencoota kakuu moofaatti Faru. 7:2 irratti). Baay’ee rakkina hamaa qaba, fincilaa amanuu dhabuu itti fufeenya qabu! Bu’aa haqa qabuu hin fakkaatu!

▣**“Kan oolchuus hin jiru”** Waaqayyoon yoo mormine, eenyutu nu gargaaruu danda’a?!isaa fi isa qofa dha kan oolchu. Yaad-rimee wal fakkaataan bifa sirriidhaan Rome. 8:31-39 irratti ibsameera.

**50∶23b** Wanti rakkisaan kun sarara ciigooti. Akkuma jirutti “Karaa kan argisiisu” jechuu dha.Gochamichi (BDB 962, KB 1321) hiika dirree bal’aa qaba. Baay’een isaanii hiika ingilliffaa isas kan fudhatan akka qajeelaatti, kan kakuu, tooftaa jireenyaa waabii godhateeti. Innis dhugumatti fudhachuu danda’a, aarsaa ta’uu qabuu akka ilaalatu!

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannichaaf akkamitti mata - duree malee dhageessaaf?
2. Sabootni kakuu lamaa kan mul'ifaman kan akkamiiti? (Lak. 7-15, 16-21)
3. Firdii irra kan jiru eenyuu?
4. Aarsaan dogogoraa?
5. "Waaqayyo cal jedhe" maal jechuu dha? Waaqayyo maaliif cal jedha? (lak. 21)

# FAARFANNAA 51

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Cubbamaa gaddee kadhata isaa dhiifamaaf | Kadhaata qalbii jijjiirrannaa | Kadhata naamusaa fi fayyinaa | Kadhata dhiifamaa | Kadhata gaabbii |
| Seensa MT kan qabu | | | | |
| | | 51:1-2 | 51:1-2 | 51:1-2 |
| Angafa faarfattootaa raajiin Naataan gara isaa yeroo dhufe inni gara Berishebaa erga gale booda | 51:1-2 | | | |
| | | 51:3-5 | 51:3-5 | 51:3-4b |
| | 51:3-4 | | | |
| | | | | 51:4c-5 |
| 51:1-4 | | | | |
| | 51:5-6 | | | |
| | | 51:6-9 | 51:6-9 | 51:6-7 |
| | | | | 51:8-9 |
| 51:5-9 | | | | |
| | 51:7-9 | | | |
| | | 51:10-12 | 51:10-13 | 51:10-11 |
| | 51:10-11 | | | |
| | | | | 51:12-13 |
| 51:10-13 | | | | |
| | 51:12-13 | | | |
| | | 51:13-14 | | |
| | | | 51:14-15 | 51:14-15 |
| 51:14-17 | | | | |
| | 51:14-17 | | | |
| | | 51:15-17 | | |
| 51:18-19 | | | | |
| | | 51:18-19 | 51:16-17 | 51:16-17 |
| | 51:18-19 | | | |
| | | | 51:18-19 | 51:18-19 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun faarfannaa qalbi jijjirannaa keessa isa tokkoo dha, Faarfannaa 6, 32, 38, 51, 102, 130, fi 143. Faarfannaa 51 Faarfannaa 32 wajjin walitti dhufuu danda’a, jechuun, jireenya Daawiit.

B. Ammam illee kan faarfannaa 51 seensii dabalata boodaa MT yoo ta’es, inni kan faarfannaa kanaa dhimma mata-duree sirritti callaqisiisuu danda’a. Kan duubessaa hubannaan kan guutame, 2Sam. 11Fi 12 dubisi.

C. Daawiit, akka mootii Israa'eel, kan Waaqayyoo bakka bu'aa mul'ataa turee, saba isaa gidduutti. Inni amantii qulqullaa'e gane. Inni Waaqayyoon "YHWH" jedhee hin waamne, faarfannaa kanaan (kun garuu amala kitaaba II ti, faarfannaa irratti). Ta'us, inni Waaqayyoon amala isaa hin jijjiramne jaalala isaa fi araara isaa waame (Mil. 3:6) ofi isaa akka gate, sababa malee, harka Waaqayyoo.

   Aarsaa kakuu moofaa kam iyyuu hin ture, ta'I jedhamee, dursamee kan itti yaadame cubbuu (Lew. 4:2, 22, 27, 5:15-18, 22:14).

   1. Haadha manaa isaa kan biraa irratti eejjuu
   2. Ejja akka raawwatu dirqamsiisuu
   3. Loltuu mootichaa kan ta'ee booda sobuu
   4. Karaa kan biraadhaan (jechuun, loltoota Israa'eel jeequudhaan) isa ajjeesuu
   5. Wantoota hundumaa dhoksuuf yaaluu, qalbiii jijjirachuu caalaa

D. "Dhiifama" ibsuudhaaf labsii adda addaa hagam faayidaa irra akka oolan hubadhu.
   1. Uwwisuu - Lak. 1; 9
   2. Miicuu - Lak. 2; 9
   3. Qulqulleessuu - Lak. 2
   4. Qulqulleessuu - lak. 7
   5. Fuula kee haguugate - Lak. 9
   6. Oolchuu - lak. 14

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 51:1-4

**1 Yaa Waaqayyo, akka gaarummaa keetti araara**
**Anatti argisiisi! Akka oo'a kee isa guddaatti**
**Irra-daddarbaa koo haxaa'ii balleessi*!**
**2 Yakka koo raawwadhuu ana irraa dhiqi,**
**Cubbuu koottiis ana qulleessi*!**
**3 Anoo irra-daddarbaa koo beeka, cubbuun koos**
**Gaafa hunduaa ija koo dura jira*;**
**4 Ani si yakkeera, si'uma duwwaan yakkes,**
**Wanta ija kee duratti hamaa ta'es hojjedheera;**
**Ati immoo dubbii ana irratti dubbatteen qajeelaa,**
**Firdii faraddeenis qullaa'aa ta'uun kee in beekama*.**

**51:1-2** Aanguun kun dhangala'aa barreefama isaa hubadhu, innis cubbuu amanaadhaan beekame qalbi jijjiranaa kan qabate. Afur (shan kan ta'an,Qere) IMPERATIVES OF REQUEST.

1. Gaarummaan kee ana irratti haa ta'an BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERATIVE kun gaaffii kadhata irra deddeebi'ameeti (Faru. 4:1; 6:2; 9:13; 25:16; 26:11; 27:7; 30:10; 31:9; 41:4,10; 56:1; 57:1) [yeroo lama] kkf) Waaqa garaamiif (BDB 337, Faru. 86:15, 103:8, 111:4, 116:5, 145:8, mata duree addaa ilaali Faru. 9:10b irratti)
   a. Akka baay'ina araara isaatti (BDB 338, mata duree addaa ilaali Faru. 5:7)
   b. Akka guddina baay'ina gara laafummaa keen (jechuun, CONSTRUCT BDB 913 fi BDB 933, Faru. 25:6, 96:16, 119:156, 145:9)
2. Irra daddarbaa koo balleessi - BDB 562, KB 567, *Qal* IMPERATIVE, lak. 9, jechi kun yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oolu cubbamoota balleessuudhaaf (Faru. 9:5, 69:28, 109:13) jireenyaa fi kitaaba jireenyaa (Bau. 32:32-33, mata duree addaa ilaali Faru 9:5 irratti) Kun kan

dhiifamaa fi gara tokkummaa og-Waaqummaati deebi'uun "shaakala" yaad-rimee dabalataan kakuu haaraa irratti argama, keessaa iyyuu Ibr. 9:14, 1Yoh. 1:7;9.

Sadanuu wal fakkaatoo kan "cubbuu" maqoonni immoo Bau. 32:32-33 irratti argama. Faarfattichi kitaaba seera Ba'uu tilmaama keessa galchee ta'uu danda'a.

Gochamichi immoo Isa. 43:25, 44:22 irratti argama. Innis dhugaa guddaa mirkaneessa, kanas Waaqayyo araaraa isaa yeroo godhu, Waaqayyo hir'aanfachuu isaa mirkaneessa, Isa. 1:18, 38:17, 43:25, 44:22, Mikiyaas 7:19 irratti yaadannoo ilaali. Fakiiduuwwan adda addaa baay'een faayidaa irra ooleera, hunduu garuu kan jedhan "Ilaalchaan ala, sammuun ala" dha.

Faayidaadhaan (baha dhihoo durii) halluun asiidii ture.Inni tokkoo Papireessi fuula (waraqata) irratti yeroo barreesitu halluuchi gara qodicha keessatti galee baduu hin danda'u ture. Waan tokko balleessuuf Waaqayyo dinqii Waaqayyooti, akka uffata halluun tuqamee adii amma ta'uutti miiccuu (Isa. 1:18) akka hin danda'amne (jechuun, kan qulqulleessu hin ture). Dhiifamni dinqii Waaqayyooti!

3. Na miici- BDB 460, KB 459, *Piel* IMPERATIVE, asitti faarfannaa irratti fi *Piel* IMPERFECT Faru. 51:7 irratti, baayinaan Leewota irratti faayidaa irra kan oole, Waaqeffannaaf seera qulqulleessu
4. "Raawwatee" MT *Hiphil* INFINITIVE ABSOLUTE, qaba, ta'us garuu kan Masoritikii beektoota Yihudaa kan jedhaan jijjiramni gara kan birootti IMPERATIVE) - BDB 915, KB 1176, *Hiphil* IMPERATIVE
5. Na qulqulleessi - BDB 372, KB 369, *Piel* IMPERATIVE, Faarfannaa irratti as qofatti, fi *Qal* IMPERFECT 51:7 irratti, irra guddeessaan Lewoota irratti faayidaa irra kan oole, waan qulqulluu ta'e beeksiisuuf.

**51:1 "Irra daddarbaa"** jechoonni baay'een jiru mucaa namaaf mucaan namaa Waaqayyo irratti finciluu isaan, aanguu kana irratti kan ragaman.

1. Irra daddarbaa:- 51:1;3 - BDB 833, Isa. 59:12-13, Amos 5:12, Mikiyaas 1:5, (yeroo lama), 13, kan isaa hiikni bu'uuraa Waaqayyo irratti finciluu dha
2. Yakka, lak. 2;5;9- BDB 730, Faru. 32:5 (yeroo sadii), Isaayaas, Ermiyaas, fi Hizqeel irratti yeroo hundumaa faayidaa irra kan oole,
3. Cubbuu, lak. 2,; 5;13- BDB 308, Faru. 32:5 (yeroo lama), hiikni isaa bu'uuraa "Dogogoruu" dha, hiddii isaa bu'uuraa yeroo hundaa faayidaa irra kan oolu "aarsaa cubbuu" dha
4. Hamaa, lak. 4 - BDB 948 II, baay'ee jechi baratame, Faru. 5:4, 7:4, 9, 10:6; 15, 23:4, 34:13;14;16, 36:4, 36:4, 37:27, 41:5, 49:5, 52:3, 54:5, kkf.

Inni tokko dubbachuu danda'a, yaad-rimichi amma faayida qabeessa akka ta'e, aadaaf/qooqaaf, jecha ammamitiin walii galuuf yookaan yad-rimicha ibsuudhaaf faayida irra ooluu isaa.Ibirooti jechoota baay'ee qabu, Waaqayyo irratti cubbuu hojjechuuf/finciluuf.

▣**"Cubbuu"** Kun maqaa saala dhalaa (BDB 308) kan argamu 51:2;3;9;13 irratti dha. Maqaa saala kormaa (BDB 307) 51:5;9 irratti dha. Gochamicha (BDB 306, KB 305) 51:4; 7 irratti dha.

**51:3-4** Lakkoofsonni kun kan isaan mulisan keessoo cubbuu Waaqayyo wajjin tokkummaa isaan qaban sodaachisaa fi kan addaan kutuu dha.

1. "Irra daddarbaa koo nan beeka" - Beekuu dhiisuun cubbuu miti, hameenya ifaa ta'e malee.
2. "Cubbuun koo yeroo hundumaa fuula koo dura jira" - cubbuun baduu yookaan hir'achuu hin danda'u. Inni dhaabbataa kan ta'e kan yaadatamuu dha, tokkummaa cabee bu'aawwan isaa.
3. "Siin, si qofan yakke" kun labsii og-waaqummaati (Uma. 20:6, 2Sam. 12:13, Faru. 41:4). Cubbuun kan beekamu hojii namaa abboommii og-waaqummaa wal cina taa'uuf (Rom. 3:20;25, 4:15; 5:13;20, HoE. 17:30).

Kun dhiphina warra miidhamanii itti caalchisuuf miti, garuu waligalatti cubbuu hundaa Waaqayyoon tokkicha qofa irratti kan godhame ta'uu isaa hubachiisuuf dha!

**51:4c-d** TEV isaan sarara ciigoo lama qabata.

"Kanaaf ana irratti murteessuun kee sirrii dha, ana yakkuu keen qajeelaa dha."

Kunnis Phaawuloosin eerameera, LXX Rom. 3:4 irratti. Innis kan eeramee "Namni hunduu waaqa sobaa ta'ee irraa dhugaa haa ta'u" kan jedhuu dha.

## MACAAFA FAARFANNAA: 51:5-9

**5 Kunoo, haati koo isheen garaatti na baatte iyyuu**
**Cubbamtuu turte, anis yakkaa ta'ee nan dhaladhe*.**
**6 Kunoo, ati keessa namummaa namaatti amanamummaa**
**Arguutti in gammadda, iddoo dhokataa sana keessattis**
**Ogummaa na hubachiifta!**
**7 Hisoophiidhaan cubbuuttii na qulleessi, anis nan qullaa'a,**
**Na dhiqi cabbii irras nan addaadha*!**
**8 Sagalee gammachuu fi iliillee na dhageessisi, lafeen koo**
**Warri ati caccabsites haa gammadan*!**
**9 Cubbuu koo fuula kee duraa dhoksi, yakka koo hundumaa**
**Haxaa'ii ana irraa balleessi!**

**51:5** Lakkoofsi kun 1-4 wajjin deemuu danda'a. kunnis yaadachiisa miti, ta'us garuu dhugaa sodaachiisaa ture, haala nama kufee (Uma. 8:21, 1Mot. 8:46, Iyob 14:1-4, 15:14, 25:4, Faru. 58:3, Fak. 20:9, Isa. 48:8, Rom. 3:9-18;23, Efe. 2:3, hunduu kan ibsan haala mucaa nama kufe dha, Uma. 3. Dhugaa dha barsisonni baay'een xiyyaafannoo kan isaan itti kennan ka'umsa cubbuu Uma. 3. Dhugaa dha baay'een isaanii xiyyaafannoo kan isaan itti kennan ka'umsi Uma, 6 akka ta'ee dha. Ergamaan Phaawulos barreessaa kakuu haaraati, innis Uma. 3 irratti kan xiyyaafatu, akka ka'umsa cubbuuti fi kan inni fidu irratti).

Akka og-Waaqummaa kooti dhimma cubbamaa ta'uu ijoollee irratti, bara itti gaaffatamummaa dura. Kaalzim xiyyaafannoo kan inni kennu mucaa namaaf waligalatti kufaati safuu, bakka hundaati, dhalootaa hanga du'aatti. Ani harka caaluu kan harkifamu gara fincila namaa hubachuu yaad-rimeeti. Kana jechuun mucaan hanga beekuutti, inni/isheen seerata Waaqayyoo cabsuudhaan, isaan hin fincilee! Cubbuun ilaalcha ifaa ta'een hameenya of keessatti qabata! Nuyi Addamiin/Heewwan nu cubbamoota (Rom. 5:12-21) fi dabalataan cubbuu gochuuf filaneerra. Lamannuu dhugaadha!

**51:6-9** Faarfatichi Waaqayyoon gaaffata bakka/ejjennoo isaa jalqabaatti tokkummaatti akka deebisu. Cubbuu hojjeechuu isaa fudhateera (51:3-4) kanaaf dhiifama gaaffateera (51:1-2). Aanguun kun isaan kana irra deebi'a.

1. Cubbuu hojjeechuu fudhachuu isaa
   a. Lak. 5
   b. IMPERATIVES lama
      (1) "Fuula kee cubbuu irraa deebisi" - BDB 711, *Hiphil* IMPERATIVE
      (2) "Irra daddarba koo balleessi" - akka lak. 1 wal fakkaataa ("Kitaaba Waaqayyoo" dabalataan Faru. 139:16 irratti eerameera, asi gadiitti "Iciitii" yaadannoo jedhu ilaali)
2. Dhiifama barbaadeera
   a. Waaqayyo ni barbaada "Dhugaa keessoo lee'ii keessaa" (BDB 711, Iciitii" fayyadama jedhu yaadannoo ilaali [BDB 712] Faru. 139:15 irratti)
   b. Waaqayyo dhugicha akka beekamuu gochuun isaa nama gammachiisa
   c. Gaaffiiwwan kadhataa (IMPERFECTS 6)
      (1) Na qulqulleessi - BDB 306, KB 305, *Piel* IMPERFECT
      (2) Qulqulluun ta'a - BDB 372, KB 369, *Qal* IMPERFECT (jechuun, bu'aa qulqulleessuu)

(3) Na miici - BDB 460, KB 459, *Piel* IMPERFECT
(4) Cabbii irra nan addaadha - BDB 526, KB 517, *Hiphil* IMPERFECT (jechuun, bu'aa miichachuu Isa. 1:18)
(5) Gammachuu na dhageesisi (BDB 965) fi gammachuu (BDB 970) - BDB 1033, KB 1570, *Hiphil* IMPERFECT
(6) Laffeewwan koo …. Ha gammadan - BDB 162, KB 189, *Qal* IMPERFECT ("Laffeewwan caccaban" ciigoo kakuu moofaa ti, firdii og -Waaqummaaf, Isa. 38:13, Faru. Erm. 33:4)

Faarfatichi gad-fageenyaan barbaadeera, Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhi'oo qabachaa ture, kunis sababa cubbuu isaan kan miidhame, ayyanaa fi haraara Waaqayyoon deebi'uu akka danda'u.

**51:6 "Ni barbaada"** Gochamni kun (BDB 342, KB 339, *Qal* PERFECT) lak. 6 irratti faayidaa irra kan oole, jechuun Waaqayyo "Barbaaduu isaa" (jechuun, Lee'ii keessoo isaan ) fi 51:16 irratti kan inni hin barbaanne (*Qal* IMPERFECT, aarsaa itti hin yaadamne yookaan ta'I jedhamee kan hojjetameef aarsaa godhame).

**51:7 "Hisooph"** gochamni kun (BDB 23) bakka tokkootti godhamee dhangalaa'aa facaasuuf faayidaa irra oolaa ture, seerrata kabaja ayyaana waaqeeffanaatiif.

1. Dhiigni hoolaa faasikaa michichila balbaalaa irratti - Bau. 12:21-22
2. Lamxii qulqulleessuuf seerrata irratti - Lew. 14:4; 6 (Mana lamxoota, Lew. 14:19; 51;52)
3. Raada diimtuu seerrata waaqeffannaa gubuu wajjin kan wal qabate (jechuun, daara qulqulleessu) - Lak. 19:6;18
4. Museen kiitaba seeraa itti facaasuu wajjin kan wal qabate - Ibr. 9:19, Bau. 24:6-8

## MACAAFA FAARFANNAA: 51:10-13

**10 Garaa qullaa'aa anaaf uumi, yaa Waaqayyo!**
**Hafuura dhaabbataa ana keessatti haaressi*!**
**11 Fuula kee duraa ana hin balleessin, hafuura ke**
**Isa qulqulluus ana duraa hin fudhatin!**
**12 Gammachuu isa fayyisuu kee keessaa argamu,**
**Iddootti anaaf deebisi, siif abboomamuudhaaf hafuura**
**Na gargaaru anaaf kenni!**
**13 Yommus ani warra irra daddarban karaa kee nan barsiisa,**
**Cubbamoonnis gara keetti in deebi'u.**

**51:10-13** Aanguun kun immoo dabalataan gaafiiwwan kadhataa baay'ee qabu (IMPERATIVES, JUSSIVES), isaanis amantii dhuunfaa haarreefamu kan eeran. Kunis dhufuu kan inni danda'u hojii Waaqa isa guddaatiin, faarfattichi garuu ofi isaa dhi'eessuutu irra jiraata, akka godhamuuf.

1. Garaa qulqulluu naaf uumi - BDB 135, KB 153, *Qal* IMPERATIVE, Hiz. 36:26-27, inni dinqii yookiin harrefamuu barbaadeera (bara faayidaa irra kan inni oolu Waaqayyo qofaadhaaf, Uma. 1:1)
2. Hafuura qajeelaa keessa kooti haaressi - BDB 293, KB 293, *Piel* IMPERATIVE, Faru. 78:37
3. Fuula kee duraa na hin gatin - BDB 1020, KB 1527, *Hiphil* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, 2Mot. 13:23 fi alta'aadhaan 2Mot. 24:20, Erm. 7:15
4. Hafuura qulqulluu kee ana irraa hin fudhatin - BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Isa. 63:10;11; Hiz. 36:26-27
5. Gammachuu fayyisuu kee anaaf kenni - BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE

6. Hafuura tolee jechuun na simadhu - BDB 701, KB 759 *Qal* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole, lak. 3;4 wajjin wal simuun kan keessoon,

kallatti amantii dhuunfaa irratti xiyyaafannoo qabu hubadhu (jechuun, Isa. 26:9). Kan hafuuraa kanaa bu'aa hareefamuu kan ta'u

1. Warra seera irra daddarban karaa keen barsiisa - BDB 540, KB 531, *Piel* COHORTATIVE, tokkummaa fi Waaqayyoon beeku dursee dhufuu isaa akka jiruutti hubadhu, Iz. 7:10
2. Cubbamoonni ni jijjiramu ("gara boodeetti ni deebi'u") - gochamni wal fakkaataan akka 51:11a, "Deebi'uudhaaf," garuu *Qal*IMPERFECT

**51:10 "Laphee"** mata duree addaa ilaali Faru.4:7 irratti. Mucaan namaa uumama addaa, bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti (Uma. 1:26-27) kanaaf dhuunfaatti "Kan oolfame/tolfame" Waaqayyoon (Uma. 2:7), isa godheera

1. Uumama foonii, akka warra lafa irra jirani bineensoota kan biroo *nephesh*
2. Uumama hafuuraa, bifa adda ta'en Waaqayyoo wajjin tokkummaa akka qabaatu
   Kan godhame, jechuun, kallattiin hafuuraa kun fakiidu/fakkeenyawwan/jechoota baay'ee mul'ata
   a. Laphee, jechuun, Faru. 36:1, 39:3, 55:4, 109:22
   b. Kallee/marimaan, jechuun, Faru. 2:14, Erm. 4:19, 31:20, Faru. Erm. 1:20, 2:11
   c. Hafuura, jechuun, Isa. 57:16, Zak. 12:1
   d. Yaada, Faru. 94:19

▣**"Hafuura"** Jechi isaa (BDB 924) Faarfannaa kanaan yeroo baay'ee faayidaa irra ooleera.

1. "Hafuura qajeelaa," 51:10
2. "Hafuura kee qulqulluu," 51:12
3. "Hafuura tole jechuun," 51:12
4. "Hafuura cabbaadhaan," 51:17

## Mata Duree Addaa:HAFUURA KITAABA QULQULLUU

I. Jechoota Girikii
   A. *pneō* , hafuura baafachuu
   B. *pnoē*, qilleensa, hafuura
   C. *pneuma*, hafuura, lubbuu
   D. *pneumatikos*, hafuura irraa kan ta'e
   E. *pneumatikōs*, hafuuraan
II. Dubeessa falaasama Girikii (pneuma)
   A. Aristotil jecha isaa kan fayyadamu akka humna jireenyaatti, dhaloota irraa hanga of bituutti (hordofuu) kan guddatu
   B. Istoyiks (Ayyoota) jecha isaa kan itti fayyadamu akka *psuchē* (lubbuu) wal fakkaataa dha, jedhes *nous*(sammuu) qaamoota miiraa shanan keessaa fi beekumsa namaa wajjin
   C. Akkaata yaada Girikii - jechi isaa og-waaqummaa wajjin wal qixaa dha (jechuun, hafuura hamaa kan waamu, xinqolaa, kan iciitii, raajii, K.k.f)
III. Kakuu moofaa (*ruah)*
   A. Gochawwan Waaqa tokkichaa (jechuun, hafuura, yeroo 90 kakuu moofaa irratti faayidaa irra kan oole)
      1. Bifa sirriin, Uma. 1:2
      2. Alta'aan, 1Sam. 16:14-16;23, 1Mot. 22:21-22, Isa. 29:10
   B. Waaqayyo kan kennuu humna jireenyaa namaan (jechuun, hafuura Waaqayyoo, Uma. 2:7)
   C. Septuwajenti *ruah* akka *pneuma* ni hiika (yeroo 100 LXX irratti faayidaa irra kan oole)
   D. Barreefamawwan barsisoota boodaan, barreeffama Apakaliptii fi maramaa galaana du'aa,

dhiibbaa Zoroasriraanizimii qabu, *pneuma* ergamaadhaa fi seexanaa faayidaa irra ooleera

IV. Kakuu haaraa (*pneuma*)

A. Argamuu Waaqayyoo addaa, humna, fi geessisu

B. Hafuurri qulqulluun Waaqayyoo irraa hojii mana qulqullummaa wajjin wal qabata

1. Raajii
2. Dinqii
3. Wangeela labsuuf iftoomina
4. Ogummaa (jechuun, Wangeela)
5. Gammachuu
6. Bara haaraatti kan dhufe
7. Jijjiramuu (jechuun, barbaaduu fi buluu)
8. Kristoosiin fakkaachuu
9. Tajaajilaaf kennaa addaa
10. Amantootaaf ni kadhata

Hafuurri mucaa namaa miira isaa ni dammaqsa, Waaqayyoo wajjin tokkummaa inni qabaatu, kunis kan itti uumaman. Tokkummaan kun ni danda'ama, Yesusiin, Waaqayyoon hojii fi eenyummaa Masihiitiin. Inni haaraan damaqiinsi hafuuraa gara Kristoosiin fakkaachuuti, tajaajila, fi amantiin jireenyatti geessa.

C. Yeroon kan hin murteesine hafuuraaf hubannaa fooyya'aa, hafuura qulqulluu wajjin caafiin tokkoon, fi mucaan namaa addunyaa kana irra akka jiru uumama foonii, garuu immoo uumama hafuuraa, fakkeenya Waaqayyoon, caafii kan biraan.

D. Phaawulos barreessaa kakuu haaraati, innis kan hafuura qulqulluu/hafuura og-Waaqummaa kan dabalate.

1. Phaawulos hafuura qulqulluu fayyadameera foon faalleessuu isaan (jechuun, uumama cubbuu)
2. Phaawulos hafuura isaa fayyadameera foonummaa faalleessuus
3. Phaawulos hafuura qulqulluu/hafuura hamaa fayyadameera, yaada namaa, beekumsa namaa falleessuuf

E. Fakkeenyootni tokko tokkoo 1Qoronxoos

1. Hafuura qulqulluu, 12:3
2. Humna Waaqayyoo fi ogummaa hafuurri qulqulluun ni mul'ata, 2:4-5
3. Gocha Waaqayyoo amanaa keessatti
   a. Yaada haaraa uuma, 2:12, 14:14;32
   b. Mana qulqullummaa haaraa, 3:16, 6:19-20
   c. Jireenya haaraa (jechuun, kan safuu), 6:9-11
   d. Jireenya haaraa fakkeenyummaa cuuphaa, 12:13
   e. Waaqayyo wajjin tokko ta'uu (jechuun, jijjiramuu), 6:17
   f. Ogummaa Waaqayyoo, ogummaa addunyaa osoo hin taane, 2:12-15, 14:14, 32, 37
   g. Barreedina hafuuraa (kennaa) tokkoon tokkoon amanaaf, tajaajilaaf, boqonnaa 12 fi 14
4. Hafuurri qulqulluun foonii wajjin wal faalleesseera, 9:11, 10:3, 15:44
5. Addunyaa hafuura, wajjin wal faalleesera, 2:11, 5:5, 7:34, 15:45, 16:18
6. Kan namootaa hafuuraan/keessoo jireenyaa karaa ittiin eeramu, qaama foonii kan adda ta'ee ta'uu isaa, 7:34

F. Namoonni uumama isaanii irraa addunyaa lama qabaatu (jechuun, kan hafuuraa fi kan foonii). Mucaan namaa Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhi'oo qabuu irraa (Uma. 3). Jireenya Kristoosiin, barumsa, du'a, du'aa ka'uu, fi abdii kana fakkaataan, hafuura qulqulluu namoota kufaniif of keessatti qabata, amantii wangeelaan haa shaakalaniif, tuqaa kamiin iyyuu isaan akka deebi'an, Waaqayyo wajjin gara tokkummaa jiruutti. Hafuurri qulqulluun qaama fakkeenyaati,

innis isa haaraa bara tolaa kan tolche. Hafuurii qulqulluun bakka bu'aa Waaqayyo abbaa fi kan ilmaati "bara" kanatti. Rakkoon isaa ni jiraata, barri haaraan kanaan sababa ta'eef, barri moofaan innis hameenya cubbuu ammas jiraachuu isaatiin. Hafuurri qulqulluun isa moofaa gara haaraatti ni jijjira, ammam illee lammanuu yoo jiraatanis.

**51:11b** Yaada kennitootni baay'een ni amanu, sararri ciigoo kun 1Sam. 11:6, 16:14, 18:12 akka argisiisu, achitti Saa'ool ka'umsa irraa hafuura qulqulluun akka jirutti, garuu cubbuu isaa irra deddeebi'aa boodaa Haarri qulqulluun isa dhiisee gara Daawit deeme.

Kan koo tokkummaan amantootaa koo faarfannaa kana, keessaa iyyuu lak. 12 kan itti fayyadamu, homaa fayyina isaa akka hin dhabne mirkaneessuuf, sababni isaa inni "gammachuu fayyina kee naaf kenni" waan jedhuuf. Ta'us, qabiyyeen hafuuraa Saa'ool amansiisaa miti. Ani dhimoota kana kan ilaalate yoo xiqaatee hubannaa mataa koo akka ta'uuf kanan filladhe

1. Isininan argisiisa, mata-duree addaa, ganuu Faru. 26:8-12
2. Isiniinan argisiisa, mata-duree addaa, jabina Faru. 7:12 irratti
3. Kan itti fufu mata-duree addaa nan galcha, waabii (gadii ilaali)

## Mata duree addaa:Waabdii

A. Kiristaanoonnii tokko tokko fayyuu isaanii beekuu (1 Yoha 5:13)? 1 Yoha kan ittiin sakkataamuu sadii yookaan ragaa qabu.
   1. Kan dooktiriinii (amantii) (lakk.1, 5, 10, 2:18-25, 4:1-6, 14-16, 5:11-12)
   2. Kan tooftaa jireenyaa (aboomamuu) (lakk. 2-3, 2:3-6, 3:1-10, 5:18)
   3. Kan gamtaa (jaalala) (lakk. 2-3, 2:7-11, 3:11-18, 4:7-12, 16-21)

B. Wabiin dhimma kutaa amantaa ta'eera
   1. John Kalviin wabii kan hundeesuu fillannoo Waaqayyo irrati. Inni kan jedhuu jireenya kanatti raawwatee beekuu hin dandeenyu.
   2. John Wessiliy wabii kan hundeessuu shaakala amanta irratti. Inni kan amanuu, nuyi kan beeknuu cubbuu ol jiraachuu akka dandeenyuu dha.
   3. Kaatolikii Roomee fi wabiin waldaa kiristaanaa kiristoos kan hundeessan waldaa kiristaanaa aboo qabdu irratti. Tokkoo gareen ta'uu wabiidhaa fi dhimma furtuu dha.
   4. Baay'een waldooti kiristaanaa wabii kan irratti hundeessan hirmaataa macaafa qulqulluu irrati,jireenya amanaa irraa kan argamuu ija hafuuraa wajjin wal qabsiisanii (Galaa 22-23).

C. Ani akkan yaadutti ilmi namaa kufee wabiin dursaa isaa Waaqa sadan tokkoo wajjin kan wal qabatuu kan ta'ee Waaqaa wajjin.
   1. Jaalala Waaqayyoo abbaa
      a. Yohaannis 3:16, 10:28-29
      b. Roomee 8:31-39
      c. Efesoon 2:5, 8-9
      d. Fillii 1:6
      e. 1 Pheexi 1:3-5
      f. 1 Yohanns 4:7-21
   2. Gocha Waaqayyoo ilmaa
      a. Bakka keenya du'uu isaa
         1) Hoji.erga 2:23
         2) Roome 5:6-11
         3) 2 Qoro 5:21

4) 1 Yohha 2:2, 4:9-10
b. Kadhata angafa lubaa (Yoha 17:12)
c. Kadhata namaaf kadhachuu itti fufeenya qabu
1) Roome 8:34
2) Ibiroota 7:25
3) 1 Yoha 2:1
3. Tajaajila Waaqa hauura qulqulluu
a. Waamuu (Yoha 6:44, 65)
b. Mallatteessu
1) 2 Qoro 1:22, 5:5
2) Efe 1:13-14, 4:3
c. Mirkaneessuu
1) Roomee 8:16-17
2) 1 Yoha 5:7-13

D. Haa ta'uu malee namooti dirqamatti deebii kennutu irra jiraata, kennaa kakuu Waaqayyootiif (lachanuu ka'umsaas ta'ee itti fufeenyaaf)
1. Amantootni dirqamatti cubbuu irraa deebi'uu qabu (qalbi jijiirannaa) figara Waaqayyooti karaa Yesus (amantii)
a. Maariqos 1:15
b. Hoji.erga 3:16, 19, 20:21
2. Amantootni dirqamatti Waaqayyoo Kristoosiin kan inni godhee kennaa fudhachuutu irra jiraata
a. Yohaa 1:12, 3:16
b. Roome 5:1 (fi Fakkeenya 10:9-13)
c. Efe 2:5, 8-9
3. Amantootni dirqamatti amantitii itti fufuu qabu
a. Maari 13:13
b. 1 Qoro 15:2
c. Galaa 6:9
d. Ibiroota 3:14
e. 2 Qoro 1:10
f. Yihuuda 20-21
g. Mulata 2:2-3, 7, 10, 17, 19, 25-26, 3:5, 10, 11, 21
4. Amantootni qormaata sadituu isaan mudata
a. Kan Doktriinii (lakk.1, 5, 10, 2:18-25, 4:1-6, 14-16)
b. Tooftaa jireenyaa (lakk.2-3, 2:3-6, 3:1-10)
c. Gan gamtaa (lakk. 2-3, 2:7-11, 3:11-18, 4:7-12, 16-21)

E. Wabiin rakkisaa fha, sababi isaa
1. Amantootni yeroo hundumaa shaakaloota biraa barbaaduu, jecha macaafa qulqulluutiin kan wal hin simanee
2. Amantootni yeroo hundumaa wangeela guutumaatti hin hubatan
3. Amantootni yeroo hundumaa fedha isaanitiin cubbuu hojeechuu itti fufuu (1 Qoro 3:10-15, 9:27, 1 Xiimoo 1:19-20, 2 Xiimo 4:10, 2 Pheexi 1:8-11)
4. Wantootni dhuunfaa tokko tokkoo (jechuun kan warra mudaa hin qabne) haala ala ta'uu kan Waaqayyoo fudhatamaa fi jaalallii raawwatee fudhachuu in danda'ani
5. Macaafa qulqulluu keessatti amantiin dogogoraa fakkeenya qabu (Maati 13:3-23, 7:21-23, Maari 4:14-20, 2 Pheexi 2:19-20, 1 Yohaa 2:18-19)

▣ **“Hafuura kee qulqulluu”** kakuu moofaatti baay’iinaan, “Hafuura” humna Waaqayyooti (jechuun, Uma. 1:2), qaama addaa osoo hin taane (garuu Isa. 63:10-11 ilaali). Ta’us, kun qaamni hafuuraa yaad-rimee kakuu haaraa cimseera. Mata-dureewwan addaa lama tuqicha ibsuudhaaf ni gargaaru.

## Mata duree addaa:Qaama Hafuura Qulqulluu

Kakuu Moofaatti “Hafuura Waaqayyo” (jechuun, Ruach) kaayyoo Yaahiwwee kan raawwatuu human ture, qaama ta’uu isaa garuu wanti beekame hin jiru (yookaan kan Kakuu Moofaa monotheism (Waaqayyo tokkicha) Ta’us, Kakuu Haaraatti qaama Hafuura Qulqulluu guutummaa qaamaati galmaa’eera.

1. Wantoota in taane jechuu danda’a (arabsoo) (Maatihoos 12:31, Maariqos 3:29)
2. In barsiisa (Luqaas 12:12, Yohannis 14:26)
3. Dhugaa ba’aa (Yohannis 15:26)
4. In ceepha’aa, in geggeessa (Yohannis 16:7-15)
5. “Eenyu ati” jedhamee in waama (jechuun, Hos) (Effeessoon 1:14)
6. Gadduu danda’a (Effeessoon 4:30)
7. Baduu danda’a (1 Tessoolloonqee 5:19)

Barreeffama Waaqa sadan tokkoo akkasumas waa’ee qaama sadan tokkoo dubbata.

1. Maatihos 28:19
2. II Qorontos 13:14
3. 1 Pheexiroos 1:2

Hafuurrii qulqulluun hojii namaati wajjin wal qabannaa qaba

1. Hojii ergamoota 15:28
2. Roomee 8:26
3. I Qorontos 12:11
4. Effeessoon 4:30

Jalqaba hojii Ergamootaa irraa gaheen Hafuura qulqulluu cimsa itti kennameera. Peenxaqoostee hojii Hafuura qulqulluu jalqaba hin ture, garuu kan boqonnaa haaraati malee. Yesus yeroo hundummaa hafuura qaba. Cuupha isaatti hojiin hafuuraa jalqaba hin ture, garuu kan boqonnaa haarati male. Luqaas waldaa Kiristaanaa tajaajila fiixaan ba’e kan qabuu boqonnaa haaraa qopheessa ture. Yesusiis ammas xiyyaafannoo isaati, Hafuurri qulqulluun ammas gocha bu’a qabeessa, akkasumas jaalala abbaa, haraara gochuu fi bifa isaatti kan uumaman nmoota galma deebisuu

## MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA

Hojiin qaamota sadan tokkummaa sadan yaadu wal qabatuun hubachuun gaariidha. Jechi “sadan tokkummaa” jedhu Macaafa Quqlulluu keessa yoo jiraachuu baate illee, yaadni isaa iddoo hundumaa jira

A. Wangeelota
   1. Mat. 3:16-17; 28:19 (fi kan kanaan wal qabatan)
   2. Yoh. 14:26
B. Hojii Ergamootaa HoE 2:32-33, 38-39
C. Phaawuloos
   1. Rom. 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
   2. 1Qor. 2:8-10; 12:4-6
   3. IIQor. 1:21; 13:14
   4. Gal. 4:4-6

5. Efe. 1:3-14, 17; 2:18; 3:14-17; 4:4-6
6. IITas. 2:13
7. ITas. 1:2-5
8. Tito. 3:4-6

D. Pheexiros 1Phex. 1:2
E. Yihudaa Lakk. 20-21

Kakuu Haaraa keessatti jechoonni baay'ina agarsiisan utuu Waaqayyoon ibsanii ni argamu.

A. Waaqayyoof jecha baay'ina agarsiisu fayydamuu
   1. Maqaan *Elohim* jedhu danuu agarsiisa, garuu yeroo Waaqayyoof gargaaru xumura qeenxee agarsiisuun hordofama.
   2. "Nu'i" Uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 keessatti
B. Ergamaan gooftichaa bifa ittiin Waaqayyo mul'atu ture
   1. Uma. 16:7-13; 22:11-15; 31:11, 13; 48:15-16
   2. Ba'u. 3:2, 4; 13:21; 14:19
   3. Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22
   4. Zakaariyaas 3:1-2
C. Waaqayyoo fi Hafuurri isaa garaa gara. Uma. 1:1-2 Far. 104:30; Isa. 63:9-11; Hisq. 37:13-14
D. Waaqayyoo (YHWH) fi Masihichi (*adon*) garaa gara Far. 46:6-7; 110:1 Zak. 2:8-11; 10:9-12
E. Masihichii fi Hafuurichi garaa gara, Zak. 12:10
F. Sadan isaanii iyyuu Isa. 48:16; 61:1 keessatti caqaamaniiru.

Waaqummaan Yesuusii fi eenyummaa qabaachuun Hafuura Quqlulluu amantoota durii Waaqa tokkichatti amanuutti cichan (Monotheistic) rakkisee ture.

1. "Tertullian" - Abbaa ilma caalchisa
2. "origen" – Humna Waaqummaa ilmaa fi Hafuura Quqlulluu gdi xinneessee mul'isa
3. "Arius" – Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'uu isanaii gana
4. "Monarchianism" Waaqayyo tokkichi tartiibaan, abbaan, ilma, Hafuura Qulqulluudhaan akka of mul'isutti amanu.

Yaadni sadan tokkummaa jedhu yeroo keessa maddoota Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'uudhaan wanta lafa kaa'amedha.

1. Yesuus guutummaan guutuutti Waaqa ta'uun isaa fi abbaa wajjin qixa ta'uun isaa Dh.K.B 325tti walga'ii Niiqiyaatiin mirkanaa'ee fudhatame.
2. Hafuurri Quqlulluun eenyummaa mataa ofii qabaachuun isaa fi abbaa fi ilma wajjin wal qixa ta'uun isaa walga'ii konistantinopil irratti (Dh.K.B 381) mirkanaa'ee fudhatame.
3. Bu'uurri amantii sadan tokkummaa hojii Augustine "*De Triniate*" jedhamuun gutummana guutuutti ibsame.

Dhugaatti as dhoksaan tokko jira. Kakuu Haaraan garuu Waaqa tokkicha eenyummaa bara baraa sadi'iin akka dubbatu amanama.

## MACAAFA FAARFANNAA: 51:14-17

**14 Yaa Waaqayyo, yaa gooftaa na fayyiftuu,**
**Dhiiga koo dhangala'uu oolchi! Arrabni koos**
**Waa'ee qajeelummaa keeGammachuudhaan**
**Guddisee in faarfata.**
**15 Ati arraba koo hiiki, yaa gooftaa!**
**Afaan koos jajuu kee in hima.**
**16 Qalmi sitti hin tolu, aarsaa dhi'eessuukoottis**
**Ati hin gammaddu*;**

> [17]**Hafuurri yaada cabaa aarsaa Waaqayyo**
> **Biratti fudhatamudha, Yaa Waaqayyo ati**
> **Garaa cabaadhaafi bullaa'aa hin tuffatu*!**

**51:14-17** Aanguu kana yaadni isaa itti fufa

1. Fayyisuu - BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE,Faarfattichi cubbammaa ture, dhiifamni akka godhamuuf barbaachiisa. Lak. 14 Daawit Oriyoonin ajjeessuu isaa wajjin wal qabata ("Dhiiga," BDB 196, kan inni argisiisuus "Cubbuu dhiiga dhangalaasuu" fakkaata, jechuun"Nama qulqulluu ajjeessuu").
2. "Warra seera irra daddarban barsiisuu" (BDB 540, KB 531, *Piel* COHORTATIVE) kan lak. 13 ibsameera/mul'ifameera
   a. Arrabni koo gammachuudhaan faarfata (Daawit faarfataa ture) tolli kee (jecha furtuu kana [BDB 842] hiikni isaa bu'uuraa dhaabbataan, sarartuu, caafii sarara sirrii jechuu dha. Hunduu "Cubbuu" dhaaf jechoota ta'an dhaabbataa irraa ba'uun, akkaataa qabiyyee yaada barreefama kanaatti hiikni inni qabu "Ittisa" yookaan "Gochawwan ta'uu qaban" dha, Faru. 71:2;15; mata-duree addaa ilaali Faru. 1:5 irratti).
      (1) Arraba koo nan banadha
      (2) Haafaan koof galata kee dubbata

   Yaadni haaraan 51:16-17 irratti jalqaba. Aarsaan tarreefame gosa kami iyyuu hin jiru Lew. 1-7 irratti, ta'I jedhamee, dursamee cubbuu yaadameef (Lew. 4:2;22;27;5:15-18, 22:14, Lak. 15:27-28). Osoo qabaatee haa kennu (ni dhi'eessa) ture (BDB 678, KB 733, *Qal* COHORTATIVE), garuu hin qabaanne, kanaaf ofii isaa haraara Waaqayyoo irratti gate. Inni ni hirkata/ammanachuu Waaqayyo akka isa hin dhiifne (lammanuu *Niphal* PARTICIPLES)

   1. laphee cabbee cubbuu irratti (BDB 990, Faru. 34:19, Isa. 61:1, Erm. 23:9)
   2. laphee gaabee ("kan cabe, BDB 194, Isa. 57:15)

kunis kan Rome. 12:1-2 gosa isaa Waaqayyoo ni eera. Qalbi jijjirannaan Waaqayyoon irratti dhiibbaa qaba (Faru. 34:18)!

**51:15**
**NASB (1970)** **"GOOFTAA"**
**NASB (1995)** **"Gooftaa"**

MT Adoon kan jedhu qaba, YHWH osoo hin taane. Waaqni Israa'eel maqaa kakuu Faarfannaa irratti kitaaba II akka kitaaba I irra deddeebiin hin argamu. Ayyootni tokko tokkoo kan isaan tilmaaman kan kitaaba II jabbeessu baay'een isaanii YHWH kan eeran gara Eelohimitti akka jijjireetti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 51:18-19

> [18]**Akka sitti tolutti Xiyooniif gaarii godhi,**
> **Masarawaan Yerusaalem deebisii ijaari.*!**
> [19]**Yommus qalma qajeeltootti, aarsaatti,**
> **Qalma guutummatti gubamuttis in gammadda;**
> **Yommus iddoo aarsaa kee irratti tuntunoowwaan**
> **Qalmaa in dhi'eeffamu.**

**51:18-19** Faarfannichi yaada adda ta'en kan cufu fakkaata. Jijjiramni hin eegamne irratti mul'ata, nama dhuunfaa irraa gara kadhata biyyoolessaatti, eebba Waaqayyoof ("Gaarii godhi," BDB 405, KB 408,

*Hiphil* IMPERATIVE) Yerusaaleemitti. Kadhatni isaa kan inni argisiisuu Yerusaaleem rakkoo akka qabduuti.

1. Dallaa ishee ijaarri
2. Seerrata aarsaa ishee deebbisi

Yaada kennitootni baay'een lak. 16 kan isaan fayyadaman aarsaa xurreesuuf, garuu 51:23 irraa kan ka'ee kan fooyya'ee "ta'I jedhamee" fi "Osoo hin beekiin" cubbuu gidduu garaagarummaa jiru xiyaaffannoo kennuudhaaf.

Dabalataan isaan lakkoofsonni lamman kun jireenya Daawiit wajjin yeroo kam iyyuu wal simuu dhiisuu isaanii hubadhu. Odeefannoo MSS kam iyyuu hin qabu, isaan faarfanicha barreesuu yookiin cimsuun booda kan dabalaman ta'uu isaaniin.

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha.  Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee  irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfattichi Waaqayyo akka garaa laafuuf sababoota lama kenna. Isaan eenyuufaa dha, faayidaa kan qabaataniifis maaliif?
2. Faarfannaa kana irratti dhiifama ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan jechoota adda addaa tarreessi.
3. Lakkoofsa 4 qooqa mataa keen ibsi.
4. Lakkoofsi 5 maal jechuu dha, yoomessa kakuu moofaan?
5. Waaqayyo hafuura qulqulluu cubbamoota irraa ni fudhataa?
6. Lak. 16-17 lak. 19 wajjin walitti dhufeenya isaan qaban ibsi. "Ta'I jedhamee cubbuu godhame" gidduu kan jiru ibsi, seerrata aarsaa wajjin kan wal qabate.
7. Lak. 18-19 faarfannaa hafee wajjin akkamitti walitti dhufa?

# FAARFANNAA 52

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Cubbuu of tuulummaa akka waa'ee hin baafne | Xumura cubbamaa fi nagaa qajeela | Firdiin Waaqayyoo nama hamaa irratti dhiyaachuu isaa | Firdii fi ayyaana Waaqayyoo | Hiree nama hamaa |
| <u>Seensa MT kan qabu</u> Anga faarffatoottaf faarsaa Daawiit; Doyiq namtichi biyya Doyiiq saa'olitti dhufee yeroo hime Daawiit gara mana Abiimeleek dhufeera jedhanii yeroo isatti hiiman | | | | |
| 52:1-4 | 52:1-4 | 52:1-4 | 52:1-4 | 52:1-2 |
| | | | | 52:3-4 |
| 52:5-7 | 52:5-7 | 52:5-7 | 52:5-7 | 52:5 |
| | | | | 52:6-7 |
| 52:8-9 | 52:8-9 | 52:8-9 | 52:8-9 | 52:8 |
| | | | | 52:9 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun kan inni ilaalatu namoota hamoota akka ta'e hubadhu (fayyadama lakkoofsa qeente). Faarfannawwan baay'ee kan ilaalatan Waaqayyoof.

B. Faarfannaan kun duraa fi aantee aanguu ti, innis cubbamootaaf kan hin mijanne haala fayyina qajeelaa wajjin kan wal madaalchiisu (wal faallessu).

C. Hasawaa namoota lamaa ta'uu isaa isaanis laphee isaanii kan ibsan ta'uu hubadhu (yaada keessaa, Matt. 12:34-37).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 52:1-4

**[1]Gaarummaan Waaqayyoo guyyaa hundumaa achuma jira;**
**Ati immoo yaa nama dira'aa, hamaa hojechuu maaliif of jaja ree?**
**[2] Yaa isa haxxummaadhaan hojjettuu, itti yaaddee wantaa badiisaa;**
**Arrabni kee akka qarabaa qaramaa dha.**
**[3]Ati wanta gaarii caalaa wanta hamaa, dhugaa dubbachuu caalaas**
**Soba in jaallatta.**
**[4]Yaa arraba haxxummaa dubbattuu, ati dubbii badiisaa in jaallata*.**

**52:1** Kun wal cina faallaa dha.Faarfannaan cubbaamaa guutuu fi qajeelaan wal faalleessera (JPSOA). Peshitta, MT naanneessee "Guyyaa guutuu qajeelaa irratti" kan jedhuu teesiseera.

LXX lakkoofsa guutuu "Cubbamaa" akka ilaalatu godheera. Hololoon lamaffaan "Guyyaa hundaa hameenyaan" kan jedhu qaba. AB (fuula 11) sarara lammaffaan ciigoo godha, "O El kan kenname."

▣ **"Of-tuuluu"** Gochamni kun (BDB 237, KB 248, *Hiphil* IMPERFECT) Hiphilin faayidaa irra kan inni oolu ol of qabuudhaan (1Mot. 20:11, Faru. 49:6, Fak. 20:14, 27:1, Erm. 49:4). Erm. 9:23-24 irratti jechi isaa lammanuuti, Alta'aa (sobaan of-tuuluu) fi bifa sirrii ta'een (of-jajuu bu'uura dhugaan kallattiwwan.

▣ **"Yaa humnaa"** Kun sadan keessaa maqaa isa argisiisu tokkoo dha, namoota cubbamoota ibsuudhaaf faayiidaa irra kan oole.

1. Yaa humnaa - BDB 150, isaan humna dha, waa'ee cubbuu isaaniif of jajuun kun qaldii kan kakaasuu dha
2. Yaa isa hojii nama gowoomsu hojjetu - BDB 793 I CONSTRUCT BDB 941 I
3. Yaa arraba sobaa - BDB 546 CONSTRUCT 941, akka lakkoofsa 2 hundee wal fakkaataa miti, garuu baay'ee kan dhi'aatuu (jechuun, dubbii namaa isaa hamaa)

▣**"Gaarii"** Mata duree addaa ilaali, Faru.5:7 irratti.

▣ **"Yeroo hundaa"**kun kan inni argisiisu yeroo dheeratee dha (jechuun, kan bara baraa). "Kan bara baraa" yaad-rimeen yeroo baay'ee irra deddebi'ameera, faarfannaa kana irratti.

1. Firdii Waaqayyoo- lak. 5a
2. Qajeelaan gaarummaa Waaqayyootti amana - 52:8b
3. Qajeelaan galata Waaqayyoo dhi'eessuu - 52:9a

**52:2** Jechoonni isa guddaa akka ta'an yaadachuutu nurra jiraata. Isaan eebbisuu yookaan abaaruu ni danda'u (Yaaq. 3:1-12). Jechoota irra humni jira (Lak. 4). Fuula Waaqayyootti deebii ni kennina, waa'ee jecha keenyaaf (Matt. 12:34-37). Dubbiin laphee ni bana.

## MATA-DUREE ADDAA: HASAAWAA NAMAA

I. YAADAWWAN BANIINSA FAKKEENYA IRRAA
   A. Qooqni mucaa namaa kutaa fakkeenya Waaqayyoo ti (jechuun, uumamni gara argamuutti kan dhufe hasaawaadhaan Waaqayyoos nama uumamaatti dubbateera). Innis nuuf gosa kutaa qaama keenyaati.
   B. Hasaawaan namaa namoota kan biroo wajjin akka wali galuu nu taasisa, waa'ee jireenyaa maal akka nutti dhaga'amuu ibsuudhaaf. Kanaaf, inni dhugumatti eenyuu akka ta'e ni

mul’isa (Fak. 18:2, 4:23, [20-27]). Hasaawaan tooftaa qajeelfama nama dhuunfaati (Fak. 23:7).

3. Bakka ol ka'aa Waaqayyoo fi bakka kufaatii faarfattichi jiru (jechuun, yeroo garaan koo abdii kutateetti)

LXX fi Peshitta ''kattaa isaa irratti na dhiise'' kan jedhu qabu.

**61:3** Nuuri baay'een Waaqayyoon ibsuudhaaf faayidaa irra kan oole hiika loltummaa qabu.

1. Gaachanaa wajjin kan wal qabatu iddoo baqaa 2Sam. 22:31, Fak. 30:5
2. Daannoo wajjin kan wal qabate Faru. 59:16
3. Asitti iddoo baqaa wajjin kan wal qabate ''siidaa jabinaa'' wajjin dha (Fak. 18:10) Faru. 62:7, ''kattaa jabina koo''

**61:4** lak. 4 COHORTATIVE VERBS lama qabu.

1. Godoo kee keessan bula - BDB 157, KB 184, *Qal* COHORTATIVE, Faru. 27:5; 31:20; 32:7
2. Gadiisa koochoo keen nan golgama - BDB 340, KB 337, *Qal* IMPERFECT COHORTATIVE faayidaa irra kan oole (mata-duree addaa laali Faru. 5:11-12)

Lak. 3 nuura loltummaa akka qabu, lak. 4 mana qulqullummaa irraa yookaan ''kattaa'' wajjin wal qabachuu kan danda'u fakkaatii qaba lak. 2 irratti. Kan lak. 4a fakkaatiin immoo Faru. 23:6, 27:4 irratti argama.

''Bara baraan'' jecha jedhu kan baay'eeti, innis yaad-rimichaaf kan kennamu (mata-duree addaa ilaali Faru. 9:5 irratti). Ani akkan yaaduutti og-barruun ogummaa kakuu moofaa qabiyyee irratti inni kan inni ibsu gamaddaa, jireenya dheeraa tokkummaa mana qulqulluummaa irratti kan jiruu dha (jechuun, godoo) YHWH wajjin (Faru. 23:6).

◘ **"Gaadisa kochoo keen nan golgobabama''** kun kan saala dhalaa fakkaatti Waaqayyooti, akka simbira haadhoo eegduuti (Matt. 23:37: Luqas. 13:34). Faru. 17:8 irratti yaadannoo jiru Faru. 5:11-12 irratti.

◘**"Seelah''** Faru. 3:2 irratti kan jiru yaadannoo fi seensa faarfannaa VII ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 61:5-8

**5Yaa Waaqayyo, ati wareega koo dhageessetta,**
**Isa warri maqaa kee sodaatan argatanis anaaf kenniteetta.**
**6Bara jireenya mootichaatti bara dabali, waggoonni isaas**
**Dhalootaa gara dhalootaatti ha darban*!**
**7Bara hundumaas fuula Waaqayyo dura teessoo irra haa taa'u!**
**Gaarummanii fi amanamummaan akka isa eeganiif abboomi*!**
**8Guyyaa guyyaatti areega koo of irraa baasuuf, yeroo hundumaa**
**Mi'a garaa garaatiin maqaa kee nan faarfa dha!**

**61:5-8** Aanguun kun kan inniwalitti dhufu mootii wajjinii dha, akka saboota kakuu YHWH baka bu'oota sabootaa.

1. Mootichi wareega wareegeera (jechuun, abdiwwan amantii) YHWH dhaaf.
2. YHWH isaaf/Isiraa'eeliif lafa kenneera (jechuun, dhaala, Uma. 15:12-21) kan Kana'aankan soodatan.
3. YHWHn bara mootichaa ni dheeressa (fakiduu rajayyeessaa mootichaa akka ta'e ilaali).
4. Mootichi fuula Waaqayyootti teessoo isaa irra bara baraan ni ta'aa (''Bara baraan'' bara baraan ta'uu dhiisuun ifaa dha, garuu bara dheeraa malee). Kan kakuu haaraa og-waaqummaa jabaatee deebitee jecha Ibirootaan akka dubbiftuu of-eeggadhu (fakiiduu rajayeessaa mootichaa).
5. YHWHn ni raawata (BDB 584, KB 599, *Piel* IMPERATIVE, gaaffii kadhataa) gaarummaa fi dhugaa (nama kan bakka bu'an, Faru. 40:11, 57:3, 89:14, ''Gaarummaa fi araaraa'' Faru. 23:6 irratti ''Ifa'' fi ''Dhugaa'' Faru. 43:3 irratti). Yaad-rimeen al fakkaataan Fak. 20:28 irratti argameera. Mootii deggeruun Israa'eeliin deggeruu dha.

**61:5** NIDOTTE jildii 2, fuula 531 yaada gaarii qaba ''maqaa kee warra sodaatan'' kan jedhu. Isaan kan isaan bakka bu'an duuka buutota amanammoo dha (Faru. 15:4, 25:12, 14, 103:11, 13, 118:4). NIDOTTE muraasni tarreefama bifoota adda ta'ee dabala.

1. Warra si sodaatan - Faru. 31:19
2. Warra isa sodaatan - Faru. 34:7
3. Maqaa kee kan sodaatan - Faru. 61:5
4. Waaqayyoon kan sodaatan - Faru. 66:16

**61:8** Waaqayyoon mootichaa fi Israa'eeliif gaarummaa inni qabu irraan kan ka'e mootichi galata faarfata (BDB 274, KB 273, *Piel*COHORTATIVE) isaaf.

Irra deebiin ''Bara baraan'' fayyadamni argamuun kan irra jiraatu akka fakiidu bittaa fiixaan ba'umsaa ti. Abdiiwwan Amantiin mootichaa (''wareegoonni'') kabajamaniiru, raawwateera, akkasumas raawwateera mana qulqullummaa isaatti. Gaaleen kun Faru. 30:13 wajjin wal fakkaataa dha, achitti seera waaqeefannaa qiindaa'ee (aarsaa dhi'eessuu wajjin kan wal qabate, Faru. 7:17).

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajeelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaan kun gadda nama dhuunfaattin gadda mootii?
2. ''Daarii lafaati'' gaalee jedhu ibsi. Barreessichi ari'atama irra ture?
3. Lak. 4 jireenya bara bara argisiisaa? (lak. 7) kun faarfannaan Masihiiti?
4. ''Wareega'' ibsi faarfannaa kanaan bifa faayidaa irra ooleen. (Lak. 5;8)

# FAARFANNAA 62

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo qofatu nama jallaa irraa bakka dhokanaa ti | Fayyisuu Waaqayyoo call jedhanii eeguu | Eegumsaa Waaqayyootti amanachuu | Waaqayyootti abdii godhachuu | Waqayyoon duwwatti abdii godhachuu |
| Seensa MT kan qabu | 62:1-2 | 62:1-2 | 62:1-2 | 62:1-2 |
| Angafa faarffattootaaf | 62:3-4 | 62:3-4 | 62:3-4 | 62:3-4 |
| waa'ee Edotam | 62:5-7 | 62:5-7 | 62:5-7 | 62:5-7ʌ |
| faarfannaa Daawiit | | | | 62:7c-8 |
| 62:1-2 | 62:8 | 62:8 | 62:8 | |
| 62:3-4 | 62:9-10 | 62:9-10 | 62:9-10 | 62:9 |
| 62:5-8 | | | | 62:10 |
| | 62:11-12 | 62:11-12 | 62:11-12 | 62:11-12 |
| 62:9-10 | | | | |
| 62:11-12 | | | | |

**DUBBISA MARSAA SADA  (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 62:1-2

**1Lubbuun koo gab jettee Waaqayyoon duwwaa in  eeggaati,**
**Gaargarsi koo isa biraa in dhufa*.**
**2Inni kophaa isaa kattaa koo, gargaarsa koo,**
**Da'oo koo tis, egaa anii guddisee iddoo kootii hin mittiqu*.**

**62:1-2** Aanguun kun kan inni ibsu faarfattichi callisuudhaan kan inni itti fayyadamu dha (lak. 1-2 lak. 5-6 wajjin guutuu guutuutti yoo ta'uu dhaa baatees wal fakkaataa akka ta'e hubadhu). Inni obsaan Waaqayyoon eeggateera, isaaf jedhee akka hojjetu (Faru. 131:2).

1. Fayyinni isaa Waaqayyo irraati (BDB 447), lak.1

2. Waaqayyoon qofaa dha kattaan isaa (BDB 849), lak. 2, 6, Faru. 61:2 irratti kan jiru yaadannoo ilaali
3. Waaqayyoon qofa dha fayyinni isaa, lak. 2, 6
4. Waaqayyoo dha daannoon isaa, lak. 2 Waaqa kana irraa kan ka'e, hin raafamu (BDB 556, KB 555, *Niphal* IMPERFECT, lak. 6). Lak. 1 irratti gaalee jiru lak. 6 irratti irra deebi'ameera, garuu lak. 1 "Guddaan'' jecha jedhu dabala. TEV, NRSV, JPSOA kan hiikan ''raawwatee'' kan jedhuun.

**62:1 "Qofaa''** ibsi maqaa kun (BDB 36) jalqaba irratti kan inni ta'u lak. 1, 2, 4, 5, 6, 10 irratti dha, xiyyaafannoo fi akkatee barreeffamaaf faarfannicha bakka tokkootti walqabsiisuun. Akkaatee jireenyaa amanamaa fi akkaatee jireenyaa cubbamaa kan wal hin arginee dha (62:4, 9) JPSOA isa kan inni hiiku ''Dhugumatti'' kan jedhuun.

▣ **"Lubbuu''** kun nephesh (BDB 659) nama guutuu mul'isa.Faru. 13:2, fi 16:9 irratti yadannoo ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA: 62:3-4

**3Hamma yoomiitti nama tokko loluudhaa itti fiigduu ree?**
**Akka keenyan duufeetti, akka dallaa sekera'ee raafamuttis,**
**Isa laaan dhauu yaaddu ree?**
**4Isaan iddoo isaa isa ulfinaatii, gad isa darbachuu duwaa**
**In akeekkatu; wanti sobaa isaanitti in tola, afaan isaaniitiin**
**In eebbisu, keessa garaa isaaniitiin garuu in abaaru.**

**62:3-4** Aanguun kun kan ibsi dinoota hin amanamnee dha.
1. Dhiphummaan in hiyyuu (Hiyyuun) --BDB 223, KB 243, *Polel* IMPERFECT, PLURAL kan baay'ee, gochamni kun kakuu moofaa irratti kan argamu as qofatti, hiikni isaa kan dhufee hundee Arabbiaa irraati
2. Ajjeessuu yaaluu (fafaca'uu) - BDB 953, KB 1283, *Pial* IMPERFECT; NET kitaabni qulqulluun kan inni jedhu piel dha, 'Isin hunduu warra lubbuu baatanii dha'' (fuula 927)
3. Isaan ija isaanii (Hikoota Ingilliaa baay'ee lak. 3c qabu faarfatticha kan argisiisan, BDB 953, KB 1283, *Pual* IMPERFECT; NET
   a. Keeyyan duufe jedhe -BDB 639, KB 692, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE
   b. Dallaa diigame - BDB 190, KB 218, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE
4. Ni gorsu - (BDB 419, KB 421, *Qal* PERFECT) kan biraan taayitaa isaa ol jedheen akka kufu dhiibbuudhaan-- BDB 632, KB 673, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT
5. Sobas in jaalatu - BDB 953, KB 1280, *Qal* IMPERFECT)
6. Ni eebbissu (BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT) afaan isaaniitiin, garuu garaa isaaniitiin ni abaaru -BDB 886,KB 1103, *Piel* IMPERFECT; inni tokko ajaa'ibsifachuu danda'a, Yaq. 3:10 aarfannaa kanaan dhufee yoo ta'e

Ija isaaniitiin (Matt. 7:16-20) fi jecha isaaniin (Matt. 12:34-37) isaan beektu.

## MACAAFA FAARFANNAA: 62:5-8

**5Lubbuun koo gab jettee Waaqayyoon duwaa in eeggatti,**
**Abdi koo isa irra nan kaa'adha.**
**6Inni kophaa isaa kattaa koo, gargaarsa koo, da'oo**
**Koo tis, egaa ani iddoo kootii hin mitiqu!**
**7Waa'een oolfamuu kootii fi ulfina kootii,**
**Waaqayyo irra jira kattaan Koo inni aangoo- qabeessi,**

**Iddoon ani kooluu itti galusWaaqayyo bira jira.**
[8]**Isin yaa warra saba isaa taatanii, yeroo hundumaa isa amanadhaa!**
**Wanta garaa keessanitti yaaddan Isa duratti dhangalaasaa!**
**Waaqayyo isa nuyi kooluu itti galuu dha*.**

**62: 5-8** Lakkoosoonni jalqabaa laman sirritti akka 62:1-2 ti dha. Faarfattichi gochawwan isaa ibsa akka duukuu buutuu amanamaatti duuka buutoota hin amanmne wajjin wal dorgomuudhaan .

1. Inni fayyissuu Waaqayoo fi ulfina irratti boqoteera (''Ulfina,'' BDB 458)
2. Inni Waaqayyoo irratti boqoteera (ni yaadama) akka kattaa fi jabina isaatti
3. Inni Waaqayyoon irkoo isaa godhateera

Lak.8 xiyyaafannoo nama dhuunfaa tokko irra gara wali galtee (hin qabu) iyyaaanootti jijjirameera (hiikoota Ingiliaa heedduu aanguu adda ta'e godhu). Innis kan inni jalqabu IMPERATIVES lama ti, gara duuka buutuu amanamaatti argisiisuudhaan.

1. Yeroo hunda isa amanadhaa -BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERATIVE, faru. 37:3,5; 52:8; Isa. 26:4.kutaa jabaa ta'e ''Yeroo hundaa,'' gaalee jedhu dha garuu inni dhugummatti nagaa fi furtuu amanachuuti (Faru. 34:1).
2. Garaa isaanii fuura isaa duratti dhangaaasan -BDB 1049, KB 1629, *Qal* IMPERATIVE, cf. 1 Sam.1:15; Faru. Erm.2:19 (jechuun,w aa'ee miira isaanii fi rakkina keessanii fi miira keessanii amanamoo ta'aaf fuula Waaqayyootti yeroo kadhataniitti, kun immoo rawwatee kan adda ta'ee dha lak. 1 fi 2 irratti ''calisu'' jiru. Lak. 1 fi 5 Waaqayyoon eeggatu kadhata booda akka hojjetamu, akkasumas lak. 8 waamicha kadhataatti.)
3. Waaqayyoo iddoo baqaa keenya- Waaqayyoo nama dhuunfaa qofaa burqaa/bakka fayyinaa miti, fayyummaa hawaasichaa burqaa/bakka amantiitti male!

⊡ **"Seelah''** Faru. 3:2 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali, irra deebiin seensa faarfannaa VII.

**62:5 ''Waaqayyoof''** lak. 1 irratti hiikni kun sirrii dha, garuu asitti ka'umsa dabaataa Lamed qaba (Waliinga osoo hin taane). Innis ''Waaqayyo o fi isaa'', kan jedhuuf xiyyaafannoo kan kennu.

⊡ **"Ca jedhaa''** waiilnga jedhu (BDB 198, KB 226, *Qal* IMPERATIVE)asitti faayiidaa irra kan oole maqaan isaa bakka jiruutti (BDB 189)lak. 1 irratti faayidaa irra kan oole.

## MACAAFA FAARFANNAA: 62:9-10

[9]**Namni xinnaan qilleensa, homaas miti, namni guddaan**
**Soba dhugaa miti, miijana irratti ol hin ka'u,**
**Walumatti qabaan isaanii immoo qilleensa caalaa hin salphatu*.**
[10]**Wanta doorsisaan argamu hin amanatinaa, wanti saamichaan**
**Argamus akka qilleensaa ta'uu isaa beekaa, qabeenyi yoo guddates**
**Garaa keessan isa irra hin kaa'atinaa*!**

**62: 9-10** Aanguun kun namoota hundumaa ilaalata, sadarkaa hawaasaa adda addaa keessaa (jechuun, sadarkaa gad aanaa… taayiitaa). Amantii/amanachuu Waaqayyoo irra jiru irraa kan hafe isaan akkasumaan (BDB 210 I) fi soba (BDB 469). MT ''Mucaa namaa'' kan jedhu qaba, yeroo hama. Hikoonni isaa ''Sadarkaa gad aanaa'' fi ''Taayitaa'' kan jedhan ta'u Faru. 49:2 irra kan jiru gaaee wal akkaataa. JPSOE ''Ijoolleen namaa akkasumaan, warra du'oo (BDB35), akkasumas'' innis Faru. 49:2 wajjin kan wal qabate wal cina kan hin fudhanne, jedhes ''Ijoolee Addaam'' BDB 9) fi ''Ijoollee akkasumaasii'' kan jedhuun ijoollee namaa hundaa akka eeru kan argisiisu. Anatti kan fakkaatu lak. 10

kan inni argisiisu hiyyeessaa fi hunma kan hin qabne abbaa aangoo Israa'ee miidhamuu isaaniiti, kanaa Faarfannaa 49 wal cina fooyya'aa ta'a.

Keeyyatni lammafaan garuu fakkii madaallii daldalaa fayyadama. Warra Ibirootaa birratti cimaa kan jedhu kan uffaatee/gatii kan qabuu dha, jechuun salphaa kan ta'e (jechuun, hafuura BDB 210 I yeroo lama faayiidaa irra ooleera) ulfina kan hin qabnee dha.

1. Dhiiphaatti hin amaniina - BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERFECT NEGATED JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Saamichaatti hin amaniinaa -BDB 211, KB 236, *Qal* IMPERFECT NEGATED JUSSIVE faayiidaa irra kan oole
3. Badhaadhumaan yoo baay'tee garaan keessan o hin tuuliin - BDB 1011, KB 1483, *Qal* IMPERFECT NEGATED JUSSIVE faayidaa irra kan oole

Aanguu kanairratti I 62:4 irratti hundaa'uun namootni isaan ilaalatu firoota abbootii taayiitaa Israa'eel (jechuun, Civili, loltuu, daldalaa).

**62:9 ''Kan akkasumaanii… hafuura''** isaan jechoonni Ibirootaa kun lama hiikoota (BDB 210 I). kunis Lalaba lamaa irraa furtuu jechaa tokkoofa dha. Yaadannoo koo ilaali jecha irratti Lal. 1:2 irratti sarara Inteerteetiin www.reebiblecommentary.org irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 62:11-12

**[11]Waaqayyo takkaa dubbateera, aangoon kan isaa akka ta'e,**
**Lammaffaas dubbateera, anis kana dhaga'eera.**
**[12]Gaarummaan kan kee ti, yaa gooftaa! Gatii isaa in eebifta*!**

**62:11-12** Aanguun xumuraa kun kan inni argisiisu dhimma og-Waaquummaa qajeelaa akkamitti akka raaatamu (akkamitti akka ta'uuf) dha (Iyoob, faarfannaa 37fi 73). Seera Musee badhaadhinni inni mirkaneessu, fayyummaa, fi fiixaan ba'umsa abboomamuu kakuuf dha (Lew. 26, Kes. 27-30). ''Karaan lammanuu'' (Faru. 1, Kes. 30:15, 19) dabalataan kan inni mirkanneessuu wal fakkaataa dha. Ta'us qabatamaatti, yeroo hundaa badhaadhootni saamtoota, sasatoo, gara jaboota, hamaa, kan gad qabani dha, isaanis yaada kufaatii fooniin kan bakka bu'anii dha, wanti hunduu ana qofaaf, akkamitiyyuu!

Addunyaa haqaa hin qabneen kan jiraannu. Waaqayyoo duuka buusuuf aadaa seeneera. Guyyaa firdii qaba. Guyyaa tokkoo waan facaafne ni haammana (Iyoob. 34:11; Faru. 28:4; Fak. 24:12; Lal. 12:14; Erm. 17:10; 32:19; Matt.16:27; 25:31-46; Rom. 2:6; 14:12; 1Qor. 3:8; 2Qor. 5:10; Gal. 6:7-10; 2 Tim. 4:14; 1 Phex. 1:17; Mul. 2:23; 20:12; 22:12)! Naannoo kanatti kitaaba na gargaare kan Hanah Wizaal Ismiz ''Iciitii kristaanaa jireenya hari'atamaa'' dha.

**62:11** Fakiiduun kun baay'ee kan beekamanii fi yeroo hundaa kan eeramu dhugaa kutaa sadiin (jechuun, humna, abboomamuu kakuu, fi badhaasa). Sababa kufaatiin namootni tokko tokkoo humna YHWH ni shaakalu, warri tokko tokkoo gaarummaa isaa! Hojjiwwan keenya abbaan keenya eenyu akka ta'e argisiis!

### GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata. Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Lak. 1 fi lak. 8 irraa akkamitti adda ba'u?

2. Lak. 3c eenyuun kan inni ibsu?
3. Lak. 8 kan adda ta’e (of kan danda’e) aanguu maaliif ta’e?
4. Lak. 9 eenyuun kan inni argisiisu? Innis Faru. 49:2 wajjin akkamitti walitti dhufa?
5. Tuqaawwan Waaqayyo dubbatee fi faarfattichi yeroo baay’ee kan dhaga’e tarreessi.

# FAARFANNAA 63

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Lubbuun amanamtuun Waaqayyon ni qabbaneeffatti | Gammachuu tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabachuu irraa | Kadhata diinota dhuunfaa irraa oolfamuuf | Waaqayyoon abdii godhachuu | Waaqayyoon abdii godhachuu |
| Seensa MT kan qabu Faarsaa Dawiit Bakka onaa Yihudaa keessa wayita ture | 63:1-2 | 63:1-4 | 63:1-5 | 63:1-2 |
| | 63:3-5 | | | 63:3-5 |
| | | 63:5-8 | 63:6-8 | |
| | 63:6-8 | | 63:9-11 | 63:6-8 |
| 63:1-5 | 63:9-11 | 63:9-11 | | 63:9-11 |
| 63:6-8 | | | | |
| 63:9-11 | | | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

### AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA

A. Haala ajaa'ibsiisaan faarfannaan kunIMPERATIVES, JUSSIVES, yookaan COHORTATIVES. Hin qabu.

B. Faarfannaan kun kan biroo of- hin eegachiisu, garuu barbaacha nama dhuunfaa gadi fageenyaan, walitti dhufeenya dhuunfaaf, Waaqayyoo wajjin kan ta'u ibsa (Faru. 42:1-4).

C. Akka faarfannaawwan baay'ee diinoota wajjin kallatti wal faalleessu qaba (Lak. 9-11). Sababa lak. 11, kun kan callaqisiisu yaada mootichaati, kanaaf isaan ta'uu kan isaan danda'an
   1. Nama biyya alaa jiraatu
   2. Isra'eeloota amanti hin qabne

D. Lakkoofsa 11a kana akkuma sanaan faarfannaa mootii hin godhu, 63:9-11 irratti yaadannoo jiru ilaali, fillaanoof.

## MACAAFA FAARFANNAA: 63:1-5

**1 Yaa Waaqayyo, ati, Waaqayyo koo ti,**
**Ani sin barbaada; lubbuun koo akkuma**
**Bishaanii si dheebotti, akka lafa bishaan**
**Dhabee, gogee dhama of keessaa fixus,**
**Foon koo so yaade in gaggaba.***
**2 Kana irraa kan ka'es aangoo keef ulfina kee**
**Arguudhaaf iddoo kee isa qulqullaa'aa keessa**
**Ijaan sin barbaaddadhe.**
**3 Gaarummaa kee argachuun, jireenya ani amma**
**Jiraadhu irra in wayya, kanaafis arrabni koo si jajata*;**
**4 Ani hamman jiruutti sin galateeffadha, harka koo**
**Ol qabees maqaa kee nan waammadha.**
**5 Lubbuun koo akka waaniin coomaa fi dhuka nyaadheetti**
**In quufti, afaan koo arraba ililleetiin si jajata.**

**63:1-5** aanguu kanaan faarfatticchi waa'een Waaqayyoo maal akka itti dhaga'aamu ni ibsa (lak. 1, Eelohiimi fi Eel, mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti).

1. Cimsee barbaada ("Ganamaan ilaalaa") __ BDB 1007, KB 1465, *Piel* IMPERFECT (Faru. 78:34; Fak. 7:15; 8:17; 13:24; Isa. 26:9; Hos. 5:15);
2. Lubbuun isaa (Neefish, BDB 659) Waaqayyoon dheebootte __ BDB 854, KB 1032, *Qal* PERFECT, Faru. 42:2; 84:2; Matt. 5:
3. Foonii isaa (BDB 142) cimsitee barbaaddi (" ni laafte") Waaqayyoon __BDB 484, KB 480, *Qal* PERFECT; as qofatti kakuu moofaatti, hundee Arabiffaa irraa "addaachuu fuulaa"
4. Innis dheeboochuu isaatii fi laafuu isaa lafa gogaa fi rakkisaatti ta'uu isaatiin sababa ta'eef ibsa, bishaan homtuu bakka hin jireetti (Faru. 143:6), Waaqayyo yeroo hundaa ni ibsa, "Bishaan jireenyaa" burqaa akka ta'e ( Isa. 12:3; 44:3; 55:1; Erm. 2:13; 17:13; Yoha. 4:10; 7:37-38; Mul. 21:6; 22:17)

Waaqayyoon cimsee barbaaduun isaa, lafa gogaa irratti kan uumame draan dursee kan beekuu gammachuu haareessuudha, mana qulqullummaatti yeroo waaqeeffanaatti (lak. 2).

1. Egaa Waaqayyo mana qulqullummaa isaatti ("Qulqullummaa isaan," Faru. 60:6, 89:35, 102:19)__BDB 302, KB 301, *Qal* PERFECT, jechi kun jechuu kan danda'u mana qulqullummaati garuu haala isaan sana jechuu osoo hin taane ni danda'a, kun sarara walaloo nama bittaa jala jiru kan ilaalatu natti hin fakkaatu, AB (fuula 97) caalaatti kan inni jedhu "mana qulqullummaa samii" dha lakk. 5 irratti "Jireenya bara baraa" lak. Irratti
2. Humna isaa ilaalaa_ BDB 906, KB 1157, *Qal* INFINITIVE CONSTRUCT,Faru. 59:17; 62:11
3. Ulfina isaa ilaalaa __ BDB gochama gara olii fakkaata (abba lamaa)

Humni fi ulfinni akkamitti akka ibsaman sirritti itti hin fayyadamne ta'us garuu "ulfina" kan jedhu jecha kan Shekanahi (Duumessa ulfinaa) amma hojii irra ooletti (jechuun, Duumessa) yeroo lafa honaa keessa naanna'uu (Bau. 16:7,10; 24:16,17; 40:34,35; Lew. 9:6,23; Lak. 14:10; 16:19; 17:7,10; 20:6), akka 1Mot.8:11 kan jiru irra deebiin ta'ee ta'uu danda'a (filannoon kan biraan kan ta'u mul'ata kan Waaqayyooti, akka Isaayaas 6 yookaan Hizqeel 1, 10).

**63:3-5** Lakkoofsoonni kun kan isaan ibsan faarfattichi akkamitti Waaqayyoon akka galateeffatu dha, waa'ee arjummaa isaa (mata-duree addaa ilaali Faru. 5:7) jireenya irra caala.

1. Afaan isaa Waaqayyoon galateeffatu __ BDB 986 II, KB 1387, *Piel* IMPERFECT

2. Bara jireenya isaa hundumaatti Waaqayyoon gallateeffata __BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT
3. Harka isaa ol kaasa _ BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERFECT
4. Lubbuun isaa ni quufti __BDB 959, KB 1302, *Qal* IMPERFECT, cf. Ps. 36:8
5. Afaan isaa galata dhi'eessa, afaan gammachuutiin __ BDB 237 II, KB 248, *Piel* IMPERFECT

**63:4 "Harka ol kaasuu"** yaadannoo ilaali Faru.28:2 irratti.

▣ **"Maqaa keen"** mata-duree addaa ilaali: maqaa YHWH Faru. 5:11-12 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 63:6-8

**6 Lafa ciisichaa kooti sin yaadadha, yeroon ilaala**
**Bulus waa'ee kee nan yaada*;**
**7 Ati gargaarsa anaaf taateetta, gaaddisa bobaa kee**
**Jalattis sagalee gammachuu nan dhageessisa*;**
**8 Lubbuun koo sitti in maxxana, hearki kee mirgaas**
**Qajeelchee ol na qaba.**

**63:6-8** Aanguun kun faarfattichi kan callaqisiisuu itti fufa, waa'ee gaaruummaa Waaqayyoo fi kunuunsa isaa.

1. Ciisee Waaqayyoon yaada_ BDB 269, KB 269, *Qal* PERFECT, Kes 6:6-9; Faru. 119:15, 48,97,99;
2. Galgalas Waaqayyoon yaada__ BDB 211 I, KB 237, *Qal* IMPERFECT, Faru. 4:4
3. Waaqayyo gargaaraa isaaf ta'eera (BDB 740 I) – BDB 224, KB 243, *Qal* PERFECT, Faru. 27:9
4. Inni eegameera (Gaadisa bobaa Waaqayyo jala) kanaaf gammachuun faarfata __ BDB 943, KB 1247; *Piel*IMPERFECT
5. Inni (lubbuu) Waaqayyoo wajjin eegameera __ BDB 179, KB 209, *Qal* PERFECT, Uma. 2:24; Rut 1:14; 2 Mot. 18:6
6. Mirga Waaqayyootti fudhateetti __ BDB 1069, KB 1751, *Qal* PERFECT, cf. Ps. 18:35; 41:12

Lak.5 fi 6 akkamitti firtootni lamman walitti dhufeenyi kakuu akka callaqisiisuu hubadhu.Innis lammanuu Waaqayyoo fi karaa namaatiin gochaa fi filannoo jiru kaasa.

**63:7 "Gaadisa bobaa kee"** yaadannoo ilaali Faru.17:8 irratti fi mata-duree addaa Faru. 5:11-12 irratti.
**63:8 "Mirga kee"** mata-duree addaa ilaali Faru. 8:35 irrarri fi mata-duree addaa: harka Faru. 7:3-4 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 63:9-11

**9 Warri jireenya koo balleessuu barbaadan garuu,**
**Boolla lafa jalaa isa gad fagoo keessa lixuuf jiru.**
**10 Billaa afaan in bu'u, irbaata waangoos in ta'u.**
**11 Mootichi garuu Waaqayyotti in gammada, namni**
**Maqaa Waaqayyootiin kakatu hundinuu of in jaja;**
**Afaan warra sobduu immoo in cuqqaalama.**

**63:9-11** Faarfannaawwa irratti yeroo hundaa akka ta'u, aanguun isaa kan argisiisu diina faarfattichaati. Kana irratti)Mootii" adda baasee ilaaleera. Kunis ta'uu kan danda'u

1. Mootichi faarfatticha ta'uu isaa

2. Faarfattichi mooticha rakkoowwan mudatee ibsuu isaa fi mootichi maal akka itti dhaga'amu beekuu ibsuu isaati (lak.11A)
3. Inni ogummaa barreefamaati, faarfannaa nama dhuunfaa faarfannaa wali gala wajjin wal qabsiisuun (lak. 11B)

Isaan ibsawwan kun waa'ee diinootaati (jechuun, jireenya isaa balleessuu warra barbaadani fi ta'us Israa'eeliin).

1. Gara lafa gadi fagoo keessa galu (jechuun, boolla, si'ool, hawaalcha, mata-duree addaa ilaali Faru. 1:6 irratti).

Namootni kakuu moofaa hundtuu gara si'oolitti gadi bu'uu, namootni hunduu gara Hades (bakka warra du'ani) kakuu haaraatti akka deeman, guyyaa firdii eeguuf. Innis ta'uu kan danda'u "Bakka gad aanaa" kan bakka bu'u warra mantii hin qabne duuka buutootaa fi warra waaqa tolfamoo waaqeessan bakka bultii isaaniiti.

2. Isaaniis humna billaatti dabarfamanii in kennamu__ BDB 620, KB 669, *Hiphil* IMPERFECT
3. Waangootaaf carraa gaarii ta'uuf (jechuun, hawaalcha t'uu hin argatan)
4. Afaan soba dubbatu cufa __ BDB 698, KB 55, *Niphal* IMPERFECT

Sababa kanaaf

1. Mootiin Waaqayyootti gammada __ BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT
2. Maqaa isaan kan kakatu hunduu (BDB 989, KB 1396, *Niphal* PARTICIPLE) ni kabajas – BDB 237, KB 248, *Hithpael* IMPERFECT, Isa. 48:1; 65:16

Sirrii fi dhugaan fi amantiin xumura irratti argama, sababa amala Waaqa keenyaa fi kaayyoo isaa!

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

Faarfannaan kun faarfannaa 42 wajjin akkamitti wal fakkaataa?

1. Faarfattichi hari'atama irra jiraa? Maaliif yookaan maaliif hin taane?
2. Lakkoofsa 2bgara maaliitti kan inni argisiisu?
3. Lak. 3-5 eessatti akka ta'ee ni yaadaa?
4. Kun faarfannaa mootiitii? Maaliif yookaan maaliif hin taane?

# FAARFANNAA 64

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Diinota dhoksaa irraa oolfamuuf kadhannaa | Warra hamaadhaan hacuucamuu garuu gooftaan gammaduu | Diinota dhuunfaa irraa ooluuf kadhaata | Kadhata eegamuuf | Adabbii warra nama arrabsanuu |
| Seensa MT kan qabu | | | | |
| Angafa faarffattootaaf faarfannaa Daawiit | | | | |
| | 64:1-4 | | | 64:1-2 |
| 64:1-6 | | 64:1-6 | 64:1-6 | 64:3-4 |
| | 64:5-6 | | | 64:5-6 |
| | 64:7-9 | 64:7-9 | | 64:7-8 |
| 64:7-10 | | | 64:7-10 | 64:9 |
| | 64:10 | 64:10 | | 64:10 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

### AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA

A. Faarfattichi rakkateera dinoota icitiitiin. Kuni firoota Israa'eel argisiisa. Isaaniis waamamaniiru.
   1. Diina, lak. 1 v. 1 (BDB 33, KB 38, *Qal* PARTICIPLE)
   2. Warra hamaa godhan, lak. 2 (BDB 949, KB 1269, *Hiphil* PARTICIPLE)
   3. Irra daddarba warra godhan, lak. 2 2 (BDB 821, KB 950, *Qal* PARTICIPLE)

   Maqaa dinootaaf yaadannoo ilaali, 1:5, 5:10, 15:2-5 irratti.

B. Gochi isaanii (lak. 2-6) tarreefameera.
   1. Sodaa uuma (BDB 808), Faru. 91:5
   2. Gorsa iciitii adeemsiisu
   3. Yakka raawwatu

4. Akka billaa arraba qarame qabu
5. Dubbiin isaanii akka xiyyaattii xiyyaafatu
6. Dhokkatanii miidhu
7. Hin sodaatan (jechuun, Waaqayyoon)
8. Karoora isaanii isa hamaatti jaboo dha
9. Kiyyoo dhoksaatti kaa'uudhaaf karoorfatu
10. Akka dhokkatanitti yaadu (jechuun, Waaqayyoon jalaa)
11. Haqa jal'isuuf karoorfatu
12. Jal'ina baay'ee itti yaadame qabu
13. Isaan yaadaa fi garaa isaaniitiin hamoo dha

C. Gochaan Waaqayyoo isaan irratti murameera
   1. Xiyyaan isaaniin lola
   2. Akka guffatan isaan godha
   3. Jecha mataa isaanii isaan irratti firdiidhaaf fayyadama
   4. Qaanii akka uffatan isaan godha
   5. Gochaan isaa isaan irratti, namoota hundumaaf sababa ta'eera
      a. Sodaa/kabaja
      b. Hojii isaa mul'isa
      c. Gocha isaa argisiisu
   6. Gochaan isaa nama qajeelaaf sababa ta'a
      a. Gocha isaan akka gammadan
      b. Akka amanamu (jechuun, amanachuu) isatti
      c. Garaa isaanitti ni ulfeessu

D. Dubbii namaa, eebba yookaan abaarsa ta'uu danda'a (mata-duree addaa ilaali Faru. 52:2 irratti).

E. Ammam illee seenaan yoomessaa isaa mirkaneesuun yookaan faarfatticha adda baasuun yoo hin danda'amnes, kan ammamii mallattoon loltuu faayidaa irra ooluun isaa ajaa'ibsiisaa dha.
   1. Billaa
   2. Xiyya
   3. Riphuu

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 64:1-6

**1 Yaa Waaqayyo, rakkina koo kana keessatti**
**Sagalee koo anaaf dhaga'I; jireenya koos**
**Sodaachisa diinaatti anaaf eegi!**
**2 Wanta warri jal'oonni wal ga'anii anatti malan,**
**Isa warri hamaa godhan tuqa anatti kaasan**
**Duraas, ana dhoksi!**
**3 Isaan arraba isaanii akka billaa in qaratu,**
**Dubbii hadhaa'aas akka xiyyaa iddaatti kaa'atu.**
**4 Iddoo riphanii jiranii nama balleessaa hin qabneetti,**
**Soda malee isatti gad in dhiisu.**
**5 Isaan hamaa gochuudhaaf isa yaadanitti in jaabatu,**
**Waa'ee dhoksanii kiyyoo kaa'uus in dubbatu,**

Yaada isaaniittis, “Eenyu nu arguu danda’a?” in jedhu*.
[6]Keessi yaada garaa namaa gad fagoo waan ta’eef,
Isaan waan jal’aa hojjechuudhaaf in yaadu,
“Kora korannee qophoofneerra” in jedhu.

**64:1 “Dhaga’i”** aanguun baay’een faarfannaa irratti xiyyaafannoodhaan kan beekaman (Faru. 17:1, 27:7, 28:2, 30:10, 39:12, 54:2, 61:1, 64:1, 84:8, 102:1, 119:149, 130:2, 143:1). Faarfannichi yeroo hundaa Waaqayyoof kadhannaa dha, isa kan kadhatan, sabichaaf yookaan duuka bu’aa qajeelaaf akka godhu.

Kadhatni carraa ajaa’ibsiisaa dha saba Waaqayyootiif. Innis humna gara lafaatti gadidhiisa, duraan kan hin ture. Asi gadiiti mata dureewwan adda sadii nan teesisa, Kitaaba qulqulluun kallattiiwwan adda addaa irratti.

## MATA DUREE ADDAA:- KADHATA BU’A QABEESSA

A. sadan tokkummaa isaatiin Waaqa tokko kan ta’e wajjin walitti dhufeenyaatiin wal qabata
   1. Fedha abbaa wajjin wal qabata
      a. Matt. 6:10
      b. 1Yohaannis 3:22
      c. 1Yohaannis 5:14-15
   2. Yesusitti kan jiraatu
      Yohaannis 15:7
   3. Maqaa Yesiin kan kadhatu
      a. Yohaannis 14:13, 14
      b. Yohaannis 15:16
      c. Yohaannis 16:23-24
   4. Hafuuraan kan kadhatu
      a. Efe. 6:18
      b. Yihuudaa 20

B. Tokko keessaa yaada keessaa wajjin wal qabata
   1. Kan hin raafamne
      a. Matt. 21:22
      b. Yaaqoob 1:6-7
   2. Karaa dogogorraan kadhachuu _ Yaaqoob 4:3
   3. Dhuunfaatti kadhachuu _ Yaaqoob 4:2-3

C. Filannoo dhuunfaa isa tokkoo wajjin wal qabata
   1. Sabiri
      a. Luqaas 18:1-8
      b. Qolaasiyaas 4:2
      c. Yaaqoob 5:16
   2. Mana waan jiru irratti wali galuu dhiisuu
      1Phex. 3:7
   3. Cubbuu
      a. Faarfannaa 66:18
      b. Isa. 59:1-2
      c. Isa. 64:7

Kadhati hundumtuudeebii argata, hata’u malee kadhatni hunduu milka’aa miti. Kadhatni wal argee

waan lamaatti. Waaqayyo gochuu kan inni danda'u waan hamaa amantootaaf gaaffii ta'uu hin qabne deebii kennuu dha.

## Mata-duree addaa:Namaaf Kadhachuu

I. Itti lixaa

A. Kadhatti barbaachiisaadha, sabaabaa fakkeenyaa Yeesuusittiin
   1. Kadhata dhuunfaa Marqoos 1:15, Luqaas 3:21 6:12, 9:29, 22:29-46
   2. Manaququlqulluummmaa isaa qulqulleessuuf, Maatihoos 21:13, Mariqoos 11:17, Luqas 19:46
   3. Kadhata fakkeenyumma, Mat. 6:5-13 Luqaas 11:2-4

B. Kadhatti amantii dhuunfaa gara gochaa qabatamaatti kan gessuudha, gara argamuu Waaqayyootti, fedhaa kan ittiin ga'udha, kanaafiis karaa keenyaaniis ta'ee karaa biraattiin nhojjeechuuf in dandeessisa, karaa kadhata keenyaan.

C. Waaqayyoo mata isaa qaamaan argamsisa, bakka baay'eetti kadhata ijjoollee isaadhaga'ee gochaa raawwaachuudhaaf (Yaa'iqoob 4:2)

D. Inni guddaan akkeeki kadhataa tokkumaan keenyaa Waaqayyoodhaa wajjiin yeroo keenya kennudha.

E. Daangaan kadhatichaa waan tokkoolleefiis homaas miti, amantoota kan dirqisisu. Al tokkoo kadhachuu in dandeenya amantiidhaan, yookaan deebine dedeebine ni kadhana yaadi isaa yookaan dirqaamni keenyaa hagaa deebi'utti

F. Kadhani wantoota baay'ee xuquu danda'a
   1. Galataa fi kadhatti Waaqa sadaan tokkootiif (Waaqa) dhiyeessu
   2. Waaqayyoodhaaf galata dhiyeessu waa'ee argamuu isaatiif, tokkuma isaa, fi kennaa isaa
   3. Cubbuu keenyaa qalbii jijirachuuf, kan darbeefiis kan ammatiifiis
   4. Hawwii fi fedhaa barbachisaa nutty fakkaataniif kadhachuu
   5. Abbaa duraatti kan biraatiif kadhachuu yeroo barbaachiseetti

G. Dhoksaa Namaaf kadhaachuu Waaqayyoo baay'ee kan irraatti kadhannuu, nurraa caala isaan jallaata kadhatti keenyaa jijjiramaaf, deebiif yookaan hawwiin, nuu qofaan utuu hin taane isaan irraattiis dhiibbaa yoo qabaatees.

II. Wantoota Macaafa Qulqulluu

a. Kakuu Moofa
   1. Waa'ee namaaf kadhachuu fakkeenya murta'oo
      a. Abirahaam waa'ee Sadoomiif kadhatee, Seera uumamaa 18:22
      b. Museen Isiraa'eeliif kadhatee
         (1) Bau5:22-23
         (2) Bau32:31
         (3) Seeraa Ba'uu 5:5
         (4) Bau9:18, 25
      c. Samuu'eel Isiraa'eeliif kadhateera
         (1) 1Samu'eel 15-6, 8-9
         (2) 1Samu'eel 12:16-23
         (3) 1Samu'eel 15:11
      d. Daawiiti muchaa isaatiif, 2[a] Samu'eel 16-18
   2. Waaqayyoo warra namaaf kadhataan ni barbaada Isa 59:16
   3. Kan beekkamee, cubbuu qalbii hin jijjiratamnee yookaan gaabbii kan hin qabnee haala kadhata keenyaa ni miidha.
      a. Farfaannaa 66:18
      b. Fakkeenya 28:9
      c. Iyaasaas 59:1-2, 64:7

b. Kakuu haara

1. Kan ilmaa fi kan Hafuura Qulqulluu tajajilaa namaaf kadhachuu
   a. Yeesuus
      (1) Roome 8:34
      (2) Ibiroota 7:25
      (3) 1Yohaniis 2:1
   b. Haafura Qulaulluu Roome 8:26-27
2. Tajaajila namaaf kdhachuu Phaawuloos
   a. Warra Yihudootaaf kadhachuu
      (1) Roome 9:1
      (2) Roome 10:1
   b. Waldoota kiristaanaatiif kadhachuu
      (1) Roome 1:9
      (2) Efe 1:16
      (3) Filiphisihus 1:3-4, 9
      (4) Qolasiyaas 1:3, 9
      (5) 1Tessollonqee 1:2-3
      (6) 2Tessollonqee 1:11
      (7) 2Ximootihoos 1:3
      (8) Filimooma 4
   c. Phawooloos waldoota kiristaana akka isaaf kadhataan gaaffatera
      (1) Roome 15:30
      (2) 2[a] Qolontoos 1:11
      (3) Efe 6:19
      (4) Qollosayiis 4:3
      (5) 1Tessoolonqee 5:25
      (6) 2Tessellonqee 3:1
3. Tajaajila kadhataa kan biraaf gochuu waldaa kiristaana
   a. Tokkoo kan biraaf kadhachuu isaa
      (1) Efe 6:18
      (2) 1Ximootiyoos 2:1
      (3) Yaa'iqoob 5:16
   b. Obbolloota adda ta'aniif kadhata gaaffatan
      (1) Dinoota keenya Mat. 5:44
      (2) Amantoota hojjeetoota, Ibiroota 13:18
      (3) Bulchitoota, 1Ximootihoos 2:2
      (4) Kan dhukkuubsataniif Yaa'iiqob 5:13-16
      (5) Gara cubbuu isaatti kan deebi'eef 1[a] Yohaanis 5:16

III. Kadhata kan guufachisan

A. Walliitti dhuufeenya Kiriistoosii fi Haafura Qulqulluu wajjiin qabnu

1. Isatti jiraadha Yohaniis 15:7
2. Maqaa isaatti Yohaanis 14:13, 14, 15:16, 16:23-24
3. Hafuuraan Effeesson 6:18, Yihuuda 20
4. Akka fedha Waaqayyootti Mat. 6:10, 1[a] Yohaaniis 3:22, 5:14-15

B. Yaada isaa keessa
1. Utuu hin mamiin, Mat. 21:22, Yaa'iqoob 1:6-7
2. Gadii of-deebisuu qalbii jijjiiranaa Luqaas 18:9-14
3. Kadhata dogogoraa Yaa'iqoob 4:3
4. Of-jaallachuudhaan Yaa'iqoob 4:2-3

C. Bifa kan biraan
1. Obsa
   a. Luqaas 18:1-8

b. Qolasiyaas 4:2

2. Gaaffii itti fufuu
   a. Maatihoos 7:7-8
   b. Luqaas 11:5_13
   c. Yaa’iqoob 1:5
3. Manatti wali-galtee dhabuu 1[a] Pheexiroos 3:7
4. Cubbuu beekama irraa bilisa ta’u
   a. Faarfannaa 66:18
   b. Fakkeenyaa 28:9
   c. Isa 59:1-2
   d. Isayaas 64:7

IV. Walitti qabaa barruumsa Waaqayyuumma

A. Akkam carroomuudha mudannaa akka tasaadha. Maal gochaa akkamii fi itti gaafatamumaa
B. Yeesuus fakkeenya keenya. Haafurichii geggeesssa keenya. Abbaan hawwii guddaadhaan eega jira
C. Isiin jijjiiruu danda’a, Maatii keessaan, hirihoota keessaanii fi biyyaa lafaa

## MATA DUREE ADDAA:- KAN HIN MURTOOFNE TA’E KAN MURTAA’E

A. Wangelaawwan warra duraa sadan
   1. Amantootni kadhatatti akka ciman ni jajjabeefamu, Waaqayyoof “Wantoota gaarii” kenna (Matihoos) yookaan “Hafuura isaa” (Luqaas) Matt. 7:7-11, Luqaas 11:5-13)
   2. Seerrata waldaa kristaanaatiin akkaataan yaada barreefamichaa amantoota (lama) kadhataan akka deggeran ni jajjabeefamu (Matt. 18:19)
   3. Yihudummaan firdiin akkaataa yaada bareefamichaatti amantootni irratti shakkii qaban gaaffachuutu irra jira (Matt. 21:22, Mariqoos 11:23-24)
   4. Fakkeenyoota lammanuun akkaataa yaada barreefamichaatti (Lak. 1-8, abbaa firdii fincilaa fi lak. 9-14, warra Fariisootaa fi cubbamichaa) amantooni ni jajjabeeffamu adda ba’anii akka raawwatan, abbaa firdii hamaa fi kan of qulqulleessee Farisoota irraa. Waaqayyo kan gadi of-deebisee fi qalbi kan jijjirate ni dhaga’aa (Luqaas 18:1-14)
B. Barreefama Yohaannis
   1. Jaamaa ta’ee kan dhalatee fi namicha Yesus fayyise akkaata yaada barreefamichaa, jaamummaan warra Faarisootaa inni dhugaan mul’ateera. Kadhata Yesus (akka kan biraa) deebii argateera, Waaqayyoon beekuu isaa fi sababa sababa akka fedha isaati jiraateef (Yohaannis 9:31).
   2. Ibsa isa gararraa kan Yohaannis (Yohaannis 13-17)
   a. 14:12-14 – amalli kadhata amantii
      1) Amantoota irraa dhufa
      2) Maqaa Yesuusiin gaaffata
      3) Waaqayyo akka irratti ulfaatu barbaada
      4) Abboomoota ni eega (lak. 15)
   b. 15:7-10 __ amala namoota kadhataa
      1) Yesuusin jiraata
      2) Sagaleen isaas isaan keessa jiraata
      3) Waaqayyo akka irratti ulfaatu barbaada
      4) Ija baay’ee godhata
      5) Abboomoota ni eega (lak. 10)
   c. 15:15-17 _ amala kadhata amantootaa
      1) Filatamu isaanii
      2) Ija godhachuu isaaniin

3) Maqaa Yesuusiin kadhachuu
4) Wali walii jaallachuu abboommii isaa eeguu

d. 16:23-24 __ amala kadhata amantootaa
   1) Maqaa Yesiin dhi'aata
   2) Gammachuun isaa guutuu akka ta'u barbaaduu

3. Ergaa Yohaannis isa duraa (1Yohaannis)
   a. 3:22-24 _ amala kadhata amantootaa
      1) Abboomoota isaa eegu (lak. 22, 24)
      2) Akka ta'uutti jiraachuu
      3) Yesuusitti amanuu
      4) Wali walii jaallachuu
      5) Isa keessa jiraachuu innis nu keessa
      6) Kennaan hafuura qulqulluu jiraachuu
   b. 5-14-16 _ amala kadhata amantootaa
      1) Waaqayyotti amanachuu
      2) Akka fedha isaatti
      3) Amantootni wali wali isaaniitiif kadhatu
   c. Yaaqoob
      1. 1:5-7 _ rakkina baay'ee keessa amantoota darban ogummaa akka kadhatan waamamaniiru, shakki malee
      2. 4:2-3 __ amantootni yaada ta'uu qabuun gaaffachuutu isaan irra jiraata
      3. 5:13-18 _ Amantootni rakkoo fayyaa qaban ni jajjabeeffamu
         a. Jarsoollin akka kadhataniif akka gaaffatan
         b. Kadhatni amantii ni fayyisa
         c. Cubbuun isaanii akka dhiifamuuf kadhachuu
         d. Cubbuu isaanii wali walii isaaniitti himachuu fi inni tokko isa tokkoof kadhachuu (1Yohaannis 5:16 wajjin wal fakkaataa)

Furtuun kadhata bu'a qabeessaa Kristoosiin fakkaachuu dha. Kana maqaa Yesusiin kadhachuu jechuun. Waaqayyo kristaanoota baay'eedhaaf kan inni godhu wanti ulfaataan kadhata dhuunfaa isaaniif deebii kennuu dha! Karaa tokkoon kadhatni hunduu deebii argateera. Baay'ee gatii kan qabu kallattiin kadhataa, amanaan Waaqa wajjin dabarsuu isaati, Waaqayyoon amanuudhaan.

▣

**NASB, NRSV** **"ala qorachuu"**
**NKJV** **" kadhachuufi"**
**LXX** **"kadhata"**

Maqaan (BDB 967) yeroo hundaa fakiiduudhaan faayida irra oola "Ala qorachuun."

1. Iyoob 7:11, 9:27, 10:1, 21:4, 23:2
2. Faarfannaa 55:2, 142:2
3. Fak. 23:29

Faarfatichi Waaqayyootti argisiisa, waa'ee jireenya haqa- dhabeessaa, fira irraa namoota kakuun miidhaa wal qabatu.

▣**"Sodaa cubbuu irraa lubbuu koo fayyissi."** Gochamichi (BDB 665 I KB 718, *Qal* IMPERFECT) faayidaa irra kan oole "irraa" walinga jedhu irraati Faru. 12:7, 32:7, 140:1, 4 irratti. Innis faayiidaa irra kan oole eegumsa Waaqayyoof, kunuunsa, yookaan golguu dha Kes. 32:10, Faru. 25:20; 31:23; 40:11; Isa. 26:3; 42:6; 49:8 irratti. Sabni Waaqayyo amanuutu irra jira, Waaqayyo akka eegu. Kana jechuun jireenyi rakkoo malee jiraata

jechuu miti, garuu argama Waaqayyoo simboon kan guute haraara isaa mirkaneessuu, waan barbaadan irratti argisiisuu dha.

▣**"Diina"** jechichi kan qeenxeeti garuu wali galaan (baay'een) bifa kanaan faayidaa irra kan inni oole (lak. 2-6).

**64:2 "Dhokkachuu"** gochamni jedhu (BDB 711, KB 771, *Hiphil* IMPERFECT) kan "Eeguu" wal cinadha lakkoofsa 1 irratti. Faarfattichi kan biro hirmaatoota kakuu akka miidhe yaadeera, isaanis du'a isaa iciitiin kan geggeesan.

Faarfattichi YHWH akka dhoksu gaaffachuu hubadhu, garuu hamootni karoora isaanii icitii dhoksaniiru, isa baleessuudhaaf (64:5).

▣

**NASB "jeequmsa"**
**NKJV "fincila"**
**NRSV "hameenya"**
**TEV, REB "jeequmsa"**
**NJB "finciltoota"**
**JPSOA "shangoo"**

Hundeen kun yeroo sadii qofa kakuu mooaa irratti kan ta'u. Innis kan NIV irratti kan hiikame akka

1. Faru. 2:1 __ "Hidhuu"
2. Faru. 55:15:15 __ "Walitti qabama namootaa"
3. Faru. 64:2 __ "Shangoo jeeqame"

**64:4 "Mudaa malee"** jehichi (BDB 1070) kan inni barbaadu qulqullummaa safuuti, nama cubbu maleessa osoo hin taane (jechuun, utuu hin beekamiin, ta'I jedhamee cubbuu hin hojjeetamne). Innis Iyoobif faayidaa irra ooleera (1:1, 8, 2:3, 8:20, 9:20-22, Faru. 37:37). Mata-duree addaa ilaali Faru 18:20-24 irratti.

**64:5**
**NASB "isaan ofii isaaniif wanta hamaa jabeessan"**
**NKJV "isaan waan hamaadhaaf ofi isaanii jabeessan"**
**NRSV "isaan kaayyoo isaanii isa hamaa wajjin cimsani wal qabatan"**
**TEV "isaan hameenya isaanii isa jal'aan wali walii isaaniinin jajjabaatan"**
**NJB "isaan hameenya isaanii isa jal'aan wali walii isaanii deggeran"**
**JPSOA "isaan ofii isaaniif jecha hamaa dha"**
**REV "isaan ofi isaaniif murtoo isaanii isa hamaa jabeessan"**

NIDOTTE, addeessa 2, fuula 72, hikoota yaadamuu qaban baay'ee tarreesaniiru, gochama Peiliif (BDB 304, KB 302).

**1.** Jabeessanii qabachuu
**2.** Isaanii ofii isaaniin jabaatan (jechuun, degersa wali wajjinii)
**3.** Isaanii ofii isaaniin jabeessan (jechuun, kaayyoo isaanii isa hamaa jabeessan)

▣**"Eenyutu isaan arga"** gaaleen kun kan inni argisiisu

1. Karoora isaanii isa iciitii dha, faarfaticha qabuuf
2. Kaayyoon isaanii, Waaqayyo kan inni beeku, karaa faarfattichaatiinis hoji inni godhuu (Iyoob 22:13, Faru. 10:11, 59:7, 94:7, Isa. 29:15, Hiz. 8:12)

**64:6** lak. 6 irratti jechooni sadii jiru, qubee warra Ibirootaa kan dubbatan, חפש(BDB 344).

1. Qorachuu (NASB, "Burqiiisu")

2. Akka ta'uutti kan itti yaadame
3. Korachuu

▣**"Yaadni keessoo namaa fi garaan isaa gadi fagoodha"** akkaataa haala barreefamichaan kun kan inni argisiisu dinoota faarfatichaa yaada hamaa isaaniiti. BDB "Gad fagoo" kan jedhu ibsa (BDB 771) "barbaade akka hin arganne" (Iyoob 12:22, Lal. 7:24 [yeroo lama] yookaan iciitiin. NJB fi kitaaba qulqulluu gadiitoo isa kan hiikan, YHWH hojii isaanii akka beeku ibsuudhaaf. Ta'us, inni kan fakkaatu lak. 1-6 waa'ee gocha dinootaati, akkasumas lak.7-9 waa'ee deebii YHWH ti.

Pirojektii barreefamaa UBS (fuula 282-284) kan inni argisiisu dhimoota barreefamaa baay'ee fi yaadamuu kan qabanii dha, isaan lak. Lama kana irratti.Baay'een sadarkaa "c" qabu (shakkii sababaa).

## MACAAFA FAARFANNAA: 64:7-10

**7 Waaqayyo garuu xiyya isaa isaanitti**
**Gad in dhiisa, yommuus isaan utuu itti**
**Hin yaadin in madaa'u.**
**8 Dubbiin arraba isaanii isaan in gufachiisa**
**Warri isaan argan hundinuus in baqatu*.**
**9 Yemmuus namoonni hundinuu in sodaatu,**
**Wanta Waaqayyo godhe in himu,**
**Hojii isaas yaadanii in hubatu.**
**10 Namni qajeelaan Waaqayyootti in gammada,**
**Isattis kooluu in gala, garaa qajeelonni**
**Hundinu isa in jaju.**

**64:7** Barbaachisummaan kanaa mallattoo hojii galagalchuuti. Cubbamanaan qajeelaa irratti kan inni godhe (lak. 3-4) amma isa irratti ta'e.

Mallattoon wal fakkaataan kun lak. 8 ibsa. Warri hamaa yaadan isaan faarfatticha irratti jechoota jibbaa kan fayyadaman, amma jecha ofii isaanii ofii isaanii irratti fayyadaman.

**64:8 "Mataa raasuu"** kun ajaa'ibsifachuu fi ciigoo tufiiti (Faru. 22:7, 44:14, Erm. 18:16, 48:27, Faru. Erm. 2:15).

**64:9** gocha YHWH kaayyoo isaa guddaa inni addunyaaf qabu hubadhu (jechuun, eebba yookaan firdii, Faru. 58:11, 65:8) kunis namoonni hunduu isa akka beekaniif (mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 2 seensa irratti).

Lak.9 dhugumatti rajayeessaa dha kanaaf Israa'eel bakka jiran irratti maal akka godhu calaqqisiisa, garuu akka lakkoofsoota baay'ee, dhugaa guddaa kaa'aa (Faru. 46:10).

**64:10** lakkoofsi kun hima cuftuu adda ta'ee dha. Yeroo hundaa cuftuu himaa faarfannaa irratti
1. Galatni Waaqayyoodhaaf
2. Aarsaa galataa.

▣ **"Nama qajeelaa"** mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 1:5 irratti.

▣ **"Ni gammada"** jijjiramni jechaa jiraachuu danda'a
1. Ni dhaga'a, lak. 1 _ מע _ (BDB 1033)
2. Ni gammada, lak. 10 _ שמח(BDB 970)

Kunis kan of keessatti qabatu bifa (Inkilusiho) ta'a.

▣ **“Amanannaa”** Faru. 5:11 irratti yaadannoo ilaali.

▣**“Ni ulfeessa”** NRSV gochamawwan kan isaan argisiisan “Ni gammada” kan jedhuu dha (BDB 970, KB 1333) fi “Ni ulfeessa” (BDB 237, KB 248) IMPERFECTS JUSSIVE faayidaa irra akka oolu. Baay’een isaanii hiikni ingilliffaa kan isaan argisiisan adeemsa irra akka himoota jiraniiti.

**GAAFFILEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta’utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta’utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaa kana irratti maaliif wawwaannaan nama dhuunfaa amma kana jiraachuu danda’e?
2. Jecha mataa keetiin sara xumuraa lakkoofsa 6 ibsi
3. Kan “Galagaltoo” yaad-rimee barreefama ibsi, kunis kakuu moofaatti baay’ee kan baratame.
4. Lakkoofsi 9 kan inni argisiisu warra Israa’eel yookaan biyya lafaa?

# FAARFANNAA 65

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Surraa irraa hafaa lafaa fi namaaf<br>Seensa MT kan qabu angafa faarfattootaaf faarsaa Daawiit | Waaqayyoof galata gargaarsa saa fi kennaa isaaf | Waa'ee yeroo midhaan sassaabuu Waaqayyiin galateeffachuu | Galataa fi oqubaa | Faarsaa galataa |
| 65:1-4 | 65:1-3 | 65:1-4 | 65:1-4 | 65:1-2 a |
| | | | | 65:2 b -3 |
| | 65:4 | | | 65:4 |
| 65:5-8 | 65:5-8 | 65:5-8 | 65:5-8 | 65:5 |
| | | | | 65:6-7 b |
| | | | | 65:7 c -8 |
| 65:9-13 | 65:9-10 | 65:9-13 | 65:9-13 | 65:9 a-d |
| | | | | 65:9 e -13 |
| | 65:11-13 | | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun dhiibbaa karaa hundaanii qaba (lak. 2, 5, 8) waa'ee uumamaa Waaqayyo ilaaluu isaa irraan kan ka'e.

B. Kaayyoon Waaqayyoo lafaaf eebbaa fi fayyina (Uma. 1-2, Lewo. 26, Kes. 28-30), mucaan namaa garuu hameenya (Uuma. 3) fi hameenya isaa itti fufe (Lewo. 26, Kes. 27), kunis lammaanuu hafuuraanis ta'e fooniin kan ta'e qaba (Rom. 8:18-25).

C. Faarfannichi kaayyoo eebbichaa isaa guddaa yaadachiisa (Lak. 9-13), innis amma bara haroomsaa isa haaraatti abdii kan ta'e (Iyu'eel 4:18, Amos 9:13). Barri haaraan kun guutummaa biyya lafaa eebbisa!

D. (IMPERATIVES jiraachuu dhiisuu isaanii hubadhu(COHORTATIVE, tokko qofa, lak. 4). Faarfannaan kun gaaffii kadhataa miti garuu gochaawwan Waaqayyoo kan mirkaneessu male, ayyaana fi deggersa isaan. Inni amantoota guutuu biyya lafaa keessaa barbaada!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 65:1-4

**1 Yaa Waaqayyo, Xiyoon irratti faarfannaadhaan**
**Si jajachuun in ta'a, wareegnis siif in baafama.**
**2 Yaa isa kadhata namaa dhageessuu! Namni foon**
**Uffate hundinuu, cubbuu isaa wajjin gara kee in dhufa.**
**3 Irra-daddarbaan keenya humna nu caaleera,**
**Ati garuu yakka keenya nuuf in dhiifta.**
**4 Namni ati fo'atte oobdi mana kee keessa akka**
**Buufatuufis inni ati ofitti buttu haa gammadu!**
**Wanta gaarii isa mana kee mana qulqullumma**
**Keessatti argamuun in quufna*.**

**65:1** Gochama tokko qofa kan qabu (BDB 1022, KB 1532, *Pual* IMPERFECT) lak. 1 irratti.
Innis gosoota baay'ee wajjin kan wal qabatuu dha.
1. Fuula kee duratti cal jedhu (Faru. 62:1, 5)
2. Galata Xiyoonitti
3. Wareegni raawwatame (aarsaa galataa)

Kun ifatti yoomessa waaqefannaati, mana qulqullummaatti (Lak. 4).

Asi gaditti ilaali lak. 1 fi lak.2 gosa tokk ta'uu danda'u.Akkas yoo ta'e, Waaqayyoon galateeffachuun wareegas raawwachuun itti gaafatamummaa mucaa namaati.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"fuula keetti cal jedhu"** |
| **NKJV** | **"galataan si eeggatu"** |
| **NRSV** | **"galatni siif ta'a"** |
| **NJB** | **"galatni dhugaatti si'iif"** |
| **JPSOA** | **"galatni siif ta'a"** |
| **REB** | **"siin galateeffachuutu ta'a"** |
| **LXX** | **"siif faarfannaatu ta'a"** |

MT "calisuu" ka jedhu qaba ((BDB 189, דמיה) garuu kan UBS piroojektii barreefamaa dubbifamaa wal fakkaataa kenna, dubbachiiftoota adda addaan (jechuun, "ni ta'aaf") sadarkaa "B" (shakkii muraasaa). Baay'een isaanii hiika ingilliffaa kanatti wali galu.Kunis LXX, Peshitta, fi valget hikoota duukaa bu'uu. Ta'us, "callisuun" ibsuu kan inni danda'uu miira cubbamaa ta'uu ti, fuula Waaqayyootti (Faru. 39:2) fi fuula isaatti abdii godhatee ala kan jabeessuu (Faru. 62:1).

▣**"Xiyoon"** yaadannoo ilaali Faru.2:6, 9:11, 20:2 irratti.

**65:2**Amala Waaqa uumaa

1. Akka dhaga'uu dha __ BDB 1033, KB 1570, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE. Waaqa tolfamaa arguu, dhageeffachuu, yookaan gochuu hin danda'an.
2. Foon hunduu gara isaa dhufa (BDB 142) (BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERFECT). Asitti wal falmisiisaa/dhiibbaa qaba, gidduudhaa
   a. Foon hunduu __ 2,5,8; Faru. 64:9; 66:1,4,8; 67:3-5; 86:9; 145:21; Isa. 66:23; Iyu. 2:28; Zak. 14:17
   b. Saba kakuu isaa __lak. 3-4 (mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 2 seensa irratti), kan kakuu moofaa sabni Waaqayyoo kan isaan amanan hunduu ta'eera (Rome. 2:28-29, Efe. 2:11- 3:13)

Tokko ajaa'ibsifachuu danda'a"foon hunduu" kan jedhu kan inni argisiisuu
1. Saba Waaqayyoo wajjin walitti makamuu (jechuun, fayyina dhiifamaan)
2. Waaqa firdiitti dubbachuu fi itti gaaffatamummaa isaa fudhachuu

**65:3** Waaqni uumaan dhiifama godha (jechuun, ni golga, BDB 497, KB 493, *Piel* IMPERFECT, Faru. 78:38; 79:9; AB kana kan inni argisiisu IMPERFECT faayida irra akka oole IMPERATIVE [p. 110]).
1. Yakka (BDB 730)
2. Irra daddarba (BDB 833)

Nuun walinga jedhu NASB irratti kan inni argisiisu Israa'eelidha (lak. 4). Dhiifamni raawwii abdii kakuu wajjin akkamitti akka walitti dhufu hubadhu.Abboomammuun isa guddaa dha (Lewoota 26, Kes. 11:13-17, Boqonnaa 28-30). Abbomamuun yeroo hafuu abdiin qofaan araara Waaqayyooti!

## Mata duree addaa: Waa'ee dhiifamaa jechoota dubbatan

Kan waaqayyummaa kan ta'an diifama ilmaan yakkaa fi cubbuu ilmaan namootaaf dhiifama gochuu agarsiisuuf fayiida irra kan oolan jechootin afaan warra Ibrootaa kanatti aananii jiru.

1. "Dhiifama: " "araara: " חלם – BDB 699: KB 757: Fakkeenyaaf : ba'u 34:9, Lew 4:20: 26: 31: 35, 5:10: 13፡ 16:
   18, 6:7, 19:22, Lak 14:20, 15:25-28, 30:5: 8: 12, 1 Mot 8:30: 34: 36: 39: 50, Far 25:11, 103:3, ኢሳ 55:7, Dan 9:19, Amo 7:2 ( Jechi kun yeroo h undumaa namaaf utuu hin taane Waaqayyo qofaaf kan hojii irra ooludha)
2. "Xaaraguu" " golbobuu: " א"נ (goochimni kun hiikaa biratti kan beekameedha) – BDB 669: KB 724: Fakkeenyaaf :
   ዘፀ 23:21, 32:32, 34:7, ዘኁ 14:18, ኢያሱ 24:19, Far 25:18, 32:1: 5, 85:2, 99:8, ሚክ 7:18
3. "Qadaaduu: " "bakka bu'a: " כפר – BDB 497: KB 493: Fakkeenyaaf : bara baraa keessatti baay'ee kan beekamedha , Far 65:3, 78:38, 79:9, Isa 6:7, 22:14, Erm 18:23, Ezek 16:63, dan 9:24
4. "Golboobuu: " "xaraguu: " מחה – BDB 562: KB 567: Fakkeenyaaf : Neh 4:5, Far 51:1: 9, Isa 43:25, 44:22, erm 18:23
5. "Fayyisuu: " רפא – BDB 950: KB 1272: Fakkeenyaaf : 2 Seena baraa 7:14, Far 41:4, 103:3, Isa 6:10, 57:18, Erm 3:22,
   17:14, 30:17, Hos 5:13, 14:4
6. "Irra darbuu: " עבר – BDB 716: KB 778: Fakkeenyaaf : fakkeenya 19:11, Amo 7:8, 8:2, Mik 7:18
7. "Dhiquu: " כבס – BDB 460: KB 459: Fakkeenyaaf : Far 51:2: 7, Erm 2:22, 4:14
8. "Qullaa'uu: " טהר – BDB 372: KB 369: Fakkeenyaaf : Lew 16:30, Far 51:7, Fak 20:9, Hiz 24:13, 36:25
9. "Gara boodaatti gatamuu: " לך – – BDB 1020: KB 1527: fakkeenyaaf : Isa 38:17, Mik 7:19
10. "Dhiqachuu qulqullaa'uu : " טאה – BDB 306: KB 305: fakeedhaf: Far 51:7 (karaa waaqayyummaa ta'een dhiqachuu karaa agarsiisuuf kan caqasamuu keeyyati kun bakka kana qofatti caqasame jira)
11. "Fuula isa irraa deeebisuu סתר – BDB 711: KB 771: fakeedhaf Faarsaa 51:9
12. "yaadachuu" (neg): זכר – BDB 269: KB 269: fakeenyaaf : Isa 43:25
13. "udumuu" (jechaa jechatti "dhiituu"): – כב – BDB 461: KB 460: fakeedhaf Mik 7:19

**65:4 “Akkam galateeffamaa dha”** Faarfannaa 1:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Kan fuute”**kun kan inni argisiisu waamicha Waaqayyooti abbootaa fi sanyiiwwan isaanii (jechuun, Israa’eel, Kes. 4:37, Faru. 33:12). Wanti ajaa’ibsiisaan walumaa galatti filannoon isaa Israa’eel qofa irraa gara nama hundaatti adeemuu isaati (lak. 2, 5, 8). Kunis Uuma. 3:15 ilaalata, kunis kan mo’ichaa abdii og-Waaqummaa kan ta’e, namoota amanan hundaaf, warra amananii fi fudhatan (mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 2 seensa irratti).

▣**“Mana keeti eebba quufna”** gochamichi (BDB 959, KB 1302, *Qal*COHORTATIVE) kan inni ibsu inni tokkko waan gaarii irraa guutuu guutuutti kan guutamee dha (BDB 375). Gochamni kun eebba foonii qofa hin argisiisu (65:9-13) garuu Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhi’oo malee! Inni nuyiin ofii isaatiin guuta!

## MACAAFA FAARFANNAA: 65:5-8

**5 Yaa Waaqayyo ati nu oolchita, hoji isaguddaa**
**Hojii isa guddaa sodaachisaadhaan qajeelummaan**
**Deebii nuuf kennita; aandaara lafaa hundumaaf**
**Galanoota fagoo jiranis ati amanannaa isaanii ti.**
**6 Ati mi’a jabinaa hidhattee humna keetiin tulloota dhaabde;**
**7 huursaa galaanaa fi huursaa dha’aa isaa, waca namootaa**
**Lafa irraas gb jechisiifta.**
**8 warri aandaara lafaa jiraatan, milikita argisiisuu**
**kee irraa kan ka’e in sodaatu, lafa ganama biiftuun baatee**
**galgala biiftuun lixuutti sagaleen gammachuu**
**akka dhaga’amu in goota.***

**65:5-8** Aanguun kun haaloota adda addaa lama ibsa
1. Uumama, lak. 6, 7, 8b
2. Fayyina, lak. 5, 7c, 8c

Kaayyoon uumamaa fakkeenya Waaqaatti kan uumame mucaa namaaf bakka akka ta’u ture (Uma. 1:26-27) Waaqayyo wjjin tokkummaa gochuun (Uma. 3:8). Uma. 3 booda, yaadni kunkan Waaqayyoo galma fayyisuu fi haaressu ta’e, hundumtu ijoolleen Addaamii fi Heewwan (Uma.3:15).

Lammanuu “gaara” lak. 6 irratti fi “dullaa” lak. 7 irratti saboota kan eeruu dha, uumama osoo hin taane (Erm. 51:25). Akkas yoo ta’e, kun wal cinaa dha Kes. 32:8 wajjin.

Lak.5 Waaqayyo deebii akka kenne eera, garuu kadhatni addaa kam hin eeramne. Innis kadhata fayyinaa akka ta’ee ifaa dha
1. Cubbuu dhuunfaa fi biyyaa irraa
2. Dinoota biyyaa irraa (jechuun, Gibxii, Sooriyaa, Babiloon, Faru. 2:1-3)
3. Tarii jeeqamsa uumamaa mataa isaa (lak. 7)

**65:5**
**NASB, NKJV,**
**NRSV** **“gochowwan ajaa’ibsiisoo”**
**TEV** **“wantoota ajaa’ibsiisoo”**
**NJB** **“waan ajaa’ibsiisoo”**

Jechi kun(BDB 431 *Niphal*) gochawwan Waaqayyootiif faayiidaa irra kan inni oole.

1. Gocha warri Israa'eel Gibxiidhaa ba'uu__ Bau. 34:10, Kes. 10:21, Faru. 66:3, 5, 106:22
2. YHWH ofii isaa __ Faru. 47:2, 68:35, 76:7, 145:4-7
3. Maqaa YHWH __Kes. 28:58; Faru. 99:3; 111:9; Milk. 1:14
4. Baay'ee walumaa galatti __ jechuun, gocha bakka maqaa) __ Faru. 66:5; 139:14

▣ **"Daangaa lafaa hundaa fi galaana gadi fagoo keessaa osoo jiranii abdii isaanii kan ta'e"** kan akkamii ibsa cimaa kan of keessatti qabatu dha. Innis kan "tokkummaa" karaa lojikiitiin (babal'isuu) dha (mata duree addaa ilaali Faru. 2:7 irratti).

▣

**NASB, TEV,**
**JPSOA** **"amanannaa"**
**NKJV** **"ofitti amanamummaa"**
**NRSV, NJB** **"abdii"**

Maqaan kun (BDB 105) BDB kan ilaalate "kaayyoon ofitti amanamummaa" kan jedhuu dha (Iyoob. 8:14; Faru. 40:4; 71:5; Erm. 3:37), kunis lakkoofsa kanaan YHWH dha, kan warra ormaa waaqa tolfamaa osoo hin taane (iyya sabootaa," lak. 7c, Faru. 2).

▣**"Daangaa lafaa"** kan akkamii gaalee irra deddeebi'aadha, keessaa iyyuu Faarfannaa fi Isaayaas irratti. Gaaleen kun kan inni dhi'aatu waliinga lamaan, "gara"…. "irraa."

1. "Gara" __ YHWH namaa fi gochawwan isaa
   a. Deebisuu __ Kes. 30:4
   b. Abbaa firdii __ 1 Sam.2:10 (Faru. 82:8; 96:13; 98:9)
   c. Mogaasaa fi galata __ . 48:10 (Isa. 42:10; Milk. 1:11)
   d. Ni bitama __ Faru. 59:13
   e. Abdii __ Faru. 65:6
   f. Soda/naasuu __ Faru. 67:7 (Faru. 33:8)
   g. Olaanaa __ Faru. 83:18, 97:9
   h. Fayyina __ Faru. 98:3 (gara gooftaatti deebi'uu, Faru. 22:27), Isa. 49:6, 52:10; 62:11
   i. Uumaa __ Isa. 40:28
   j. Kan oolchuu __ Isa. 48:20
   k. Bittaa Masihii __ Faru. 2:7, Mik. 5:4
2. "Irraa" __ addunyaa gara isaa dhufe
   a. Daangaa lafaa yaadata gara gooftaatti deebisa __ Faru. 22:27
   b. Hanga daangaa lafaatti faarfannaa dhageefanna, "ulfinni qajeelichaaf" __ Isa. 24:16
   c. Daangaan lafaa hunduu ni fayya __ Isa. 45:22-23
   d. Lafti hunduu gara isaa ni dhufa, Xiyoonitti __ Isa. 2:2-5; 60:3; 66:18,23; Erm. 16:19

**65:7** lakkoofsi kun kan inni argisiisu
1. Uumama (jechuun, raafamaan kan mo'ame)
2. Ejjummaa irraa (waaqefannaa waaqa tolfamaa) wajjin walitti bu'iinsa (Faru. 2, Isa. 17:12)

**65:8 "Sodaadhaan dhaabatu"** hundee wal fakkaataan akka lak.5, "Gochawwan sodaachiisoo."

▣ **"Dinqiin kee"** kun kan inni argisiis gocha fayyisuu Waaqayyooti, saba isaa (jechuun, waamamuu abbootaa fi eeguu, Ba'uu fu joorma lafa honaa, mo'uuf, k.k.f..).

▣kan lakkoofsa 8 gaaleen inni dhumaa argisiisuu kan inni danda'u
1. Uumama (jechuun, galgalaa fi ganama)
2. Yeroo baay'ee gabaabaa kan urjii (AB)

3. Bahaa fi dhiha lafa mijaa'aa kan of keessatti qabate akkaataa ibsa fakiiduuti (NET kitaaba qulqulluu)
4. Ulfina galgalaa fi ganamaa (yaada bal'aa Tindalee)

## MACAAFA FAARFANNAA: 65:9-13

**9Ati laficha in ilaalta, waan hundumaa irraa hafaa**
**In laattaaf, guddiftees isa in badhaafta; lagni ati**
**Kenniteef bishaan guutuu qaba, namootas midhaan**
**In argachiifta; akkas gootee qopheessiteetta.**
**10Bo'oo lafichaa bishaan baay'ee in obaafta,**
**Bungulluu isaas in bulleessita; tiifuudhaan isa in**
**Laafifta, biqilaa isaas in barakachiifta.**
**11Waggicha wanta gaarii si biraa dhufeen in gonfita,**
**Gara ati adeemtuttis faanni kee cooma in rooba;**
**12Lafti qoddiin coomee margi isaa in labbeessa'a,**
**Gaaronnis akka waan mudhii isaaniitti hidhatanitti,**
**Sagaleen gammachuu naannoo isaaniitti in dhaga'ama.**
**13Hoolonni bakkee isaa uffisaniiru, oobdii mana kee**
**Keessa akka buufatuufis inni ati ofitti buttu haa gammadu!**
**Wanta gaarii isa mana kee mana qulqullummaa keessatti**
**Argamuun in quufna*.**

**65:9-13** kun eebba fooniiti, abbomamuun kakuu kan inni fidu (Lew. 26, Kes, 11:13-17, boqonnaa 28). Eebbii karaa YHWH ti, biyya lafaa gara isaa akka dhufu gochuudhaaf,
1. Jaalala
2. Kunuunsa
3. Degersa isaa

Israa'elitti argisiisuuf. Inni Israa'eeliin filate hundumaa filachuuf! Israa'el garuu abboomamaa hin taane (Hiz. 36:22-23).

Lakkoofsa "kee" yaadadhu, hiika ingilliffaan, lak.9-11 (jechuun, sagal). Uumamni uumaadhaaf eebbaan deebii kenna!

**65:9 "Lafa daawwate"** kun ciigoo dha, argamaa qaamaa YHWH tiif. Inni yeroo hundaa lafa irra, bifa jedhuun. Mallattoon kun kan inni dubbatu garuu lamaffa dhufuu isaa addaatiif, tokkoo eebbaaf yookaan firdiif, bokkaa eebbaatiin kan argame.

▣ **"Bishaaniin kan guutame"** gochamni kun (BDB 1003, KB 1448, *Polel* IMPERFECT) yeroo sadii raawwatama, asitti yeroo hundaas "eebbifami," kan jedhuun kan hiikamuu fi Iyu. 2:24, 3:13, innis "bishaaniin kan guutame" kan jedhuun kan hiikame.

▣ **"Bishaan Waaqayyoo"** gaaleen kun kan inni jedhu
1. Fakkaatii bishaan guutee
2. Samii irraa bokkaa bu'uu (Faru. 78:23, Milk. 3:10)
3. Bara dhumaa kan eeru, laga teessoo Waaqayyoo irraa dhangala'u (Faru. 46:4, Hiz. 47:1, Mul 22:1)

1.

**65:11**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"karaan kee cooma cocobsa"** |
| **NRSV** | **"konkoolaataa kee eebbaan kan guuteedha"** |
| **TEV** | **"gara itti adeemtu huduumaati eebbi ni'argama"** |
| **NJB** | **"qabeenyi kee konkolaataa kee irraa nicoccoba"** |
| **JPSOA** | **"coomni karaa kee irratti nicoccoba"** |

MT "akasumas Konkolaataan Fardeenii kees cooma nicoccobsa" kan jedhu qaba. Kun fakkeenya YHWH, duumessa bakakkaatiin mankuraakurin yeroo adeemu, bokkaa fiduu dhaaf (Far. 18:7-15). Fayidaan kun (bahaa dhiyoo durii), ykn kesumatti fakki ba'aal, kan ba'aal, qileensaa fi rooba jabaa kan qabu waaqa tolfamaa (jechuun, eebba).

**65:12-13** Bakka foonii eebbifamaa (jechuun, bakka dheedichaa, bakka ol ka'aa, diree margaa, golba) fakiiduu akka namaa ta'ee (BDB 929, KB 1206, *Hithpoel* IMPERFECT) ni faarfatu (BDB 1010, KB 1479, *Qal* IMPERFECT). Kun lubbuu warra hin qabne galata jecha Yesus na yaadachiisa, waa'ee dhagootaa, Luq. 19:40. Guyyaa tokko uumamni hundumtuu (jireenya lubbuu qabeeyyii fi lubbuu dhabeeyyii) gammachuudhaan uumaa isaa duratti ni iyya (Faru. 103:20-22, 145:10, Rom. 8:18-25)!

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Fakkiin faarfattichaa lak. 1 irratti wantoota jiraniif tilmaani fooyya'aan maalii dha?
2. Uumamni fi "daangaan biyyaa lafaa" akkamitti wal qabata?
3. Faayidaa kan-Waaqummaa lak. 3 ibsi.
4. "Gaaroonni" fi "jeequmsa saba" akkamitti wal cina ta'a?
5. Lak. 9-13 kan inni ibsu ta'ii waggaa ti yookaan ta'ii bara dhumaati?
6. Lak. 2, 5, fi 8 lak. 4 wajjin akkamitti wal madaaluu dand'a?

# FAARFANNAA 66

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqaayyoof galata hojii isaa isa guddaa fi kadhannaa fi deebii laachuu isaaf | Waaqaayyoof galata hojii isaa isa guddaaf | Waaqaeffannaa galataa fi ooqubaa | Waaqaeffannaa galataa fi ooqubaa | Kadhannaa galataa fi tokkummaa |
| Seensa MT kan qabu Angafa faarffattootaaf Faarsaa Daawiit. | | | 66:1-4 | 66:1-3 a |
| | 66:1-4 | 66:1-4 | | |
| | | | | 66:3b-4 |
| | | | 66:5-9 | 66:5-6b |
| 66:1-4 | 66:5-7 | 66:5-7 | | |
| | | | | 66:6-7 |
| | | | 66:10-12 | 66:8-9 |
| 66:5-7 | 66:8-12 | 66:8-12 | | |
| | | | 66:13-15 | 66:10-12 |
| | | | | 66:13-14 |
| 66:8-15 | 66:13-15 | 66:13-15 | | |
| | | | 66:16-19 | 66:15 |
| | | | 66:20 | 66:16-19 |
| | 66:16-19 | 66:16-19 | | |
| | | | | 66:20 |
| 66:16-20 | 66:20 | 66:20 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

### AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA

**A.** Derke Kidner, Tendeledhaan yaada bal'aa kakuu moofaa irratti (fuula 251) faarfannaa kanaaf mata-duree laateera, "Waaqa hundumaa…. Kan baay'ee..kan tokkoo" kan jedhu. Kunis yaada isa guddaa faarfannaa kanaa qabachuuf karaa ajaa'ibsiisaa fakkaata. Innis cimsa wali galaatiin jalqaba, akkasumas gar Isra'eelitti galata naanneessa xumura irrattis gara Waaqa tokkootti fida.

**B.** Faarfannaan kun akkuma naannoo isaati baay'ee wal fakkaataa dha, Faru. 65 fi 67. Isaan hundumtuu kan isaan dubbatan waa'ee walii gala jaalala Waaqayyooti, namoota hundumaa. Karaa kanaatiin isaan baay'ee wal fakkaatoo dha, raajii Isaayaasi fi Yoonaasi wajjin.

**C.** Yoomessii seenaa faarfannaa kanaa yeroon isaa kan beekame hin qabu. Dhuguma hiikini Arabifaa "Faarfannaan Daawiiti) jedha, haa ta'uu malee faarafannaan kun kan fakkaatu sirritti kan inni wajjin wal simu jireenya Hisqeel wajjin. Kufaatii biyyoolessaa ti fi badiisa nama dhuunfaa qaba. Kan fakkaatu weerara Sooriyaa, Sanakirem jalatti Yerusaalem marfamuu ishee fi dhukkuba Hisqiyaas, gara du'aatti oofee ture, gara Waaqayyootti kadhataan osoo hidhiyaatin,kan jedhu caalatti farfannaa kanaa wajjin wal-sima.

D. Xiyaafataan saddeetanuu faarfannaa kana irratti gara kadhata Waaqayyootti miti,yaadachiisa malee
1. Namota lafarra jiraatan hundumaa9 (Lak.1,4,8)
2. Waaqayyoon kan sodaatan/kan aja'ibsifatan/ kan isa kabajan hundumaaf (Lak. 16)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA: 66:1-4

**1Yaa guutummaa biyya lafaa, Waaqayyotti kee**
**Sagalee guddaadhaan dhageessisi!**
**2Isin warri isa keessa jiraattaan, ulfina maqaa**
**Isaa faarfadhaa, jajuu ulfina argisiisuunis isa jajadhaa!**
**3Waaqayyoon, "Gochaan kee maal maal sodaachisaa dha,**
**Dinqisiisaa dhas! Aangoon kee guddaa dha,**
**Diinoonni kees siif in gugguufu!**
**4Guutummaan biyya lafaa gombifamee siif in sagada,**
**Warri isa keessa jiraatan si faarfatu, maqaa kees**
**Jajachuudhaan in faarfatu" jedhaa!**

**66:1 "ilillee"***Hiphil* IMPERATIVE kunPLURAL akkasumas lakoofsi tokko Faarfannaa 100 wajjin walfakaataadha, anas kan inni nayaadachiisu Faarfannaa bareedaa tokkuumaan faarfatamu dha Mul.7:9. Kan lakkoofsa baayyeee kan inni dubbatu laftii hundinuu Waaqayyoo dhaaf gammachuun akka ililfatu ta'usaa hubadhu (Lak.1,4,8, Far. 65:2,5,8; 67:17).

Faarfannaan kun maqaa waligalaa Waaqayyoo, Elohimiin akka of keessatti qabatu hubadhu (mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti), maqaa kakuu Waaqayyo, kan YHWH osoo hin ta'in. Guutummaa lafaatu deebii laata (Faarfannaa 67), galatni Israa'eel ga'aa hin taane (Faru. 103:19-22, 145:21, 150:6). Kun dhugaa yoo ta;e Waaqa tokko duwwatu jira, innis guutummaa biyya lafaa kan uumee fi namas fakkii isaatti kan hojjete (mata-duree addaa ilaali: tokkummaa Faru. 2:7 irratti), achi irraas dhugaan isaa ifaa dha, namoota hundumaa gara isa beekuutti akka dhufan barbaaduun isaa. Israa'eel jechuun luboota mootummaa isaa akka ta'an qofa, biyya lafa a gara Waaqayyootti fiduuf (mata-duree addaa ilaali:kaayyoo oolchuu bara baraa YHWH Faru. 2 seensa irrtti).

**66:2 "Ulfina maqaa isaaf faarfadhaa"** yeroo waaqeefannaatti yaadi faarfachuu yookaan yaad-rimeen isaa kan inni fudhatamee kan faarfannaa akkanaa irraati. Ajaa'ibsiisaa kan ta'u Efe. 19 irraatti, achi irrattis waa'ee hafuura qulqulluun guutamu irratti kan inni dubbatu, jechuun kan itti fufee jiru keeyata

Booz shanan keessaa sadii waa'ee faaruu kan dubbatanii dha. Galatni gocha sirrii ta'ee dha, Waaqa keenya waaqeessuu irratti.

"Maqaa" jechi jedhu Ibirootaan karaa ittiin amalli tokko callaqisuu dha. Innis karaa dhokataa dha, sodaan warra Ibirootaa ibsaa fi kan mataa isaa maqaa Waaqayyoo kaasuudhaaf, sababa kanaatiif yaad-rimeen maqaa isaa yeroodhaa yerootti kan jijjiramu (mata-duree addaa ilaali faarfannaa 5:11-12 irratti).

Duuka buutuun amanamoon amalaa fi gochaa YHWH f in galateeffatu (Faru. 29:2, 79:9, 96:8)."maqaan isaa YHWH mataa isaa bakka bu'a (mata-duree addaa ilaali Faru. 5:11-12 irratti).

"Ulfina" jecha jedhuuf mat-duree addaa ilaaliFaru.19:1 irratti.

**66:3 "Waaqayyoof jedhaa"**kunIMPERATIVE arfaffaa dhakan Lak. 1-3 nama hundumaaf kan ajajamee dha.

1. Waaqayyoo dhaaf gammachuu dhaan ililli jedhaa __BDB 929, KB 1206, *Hiphil* IMPERATIVE Far. 47:2; 81:2; 98:4,6 (COHORTATIVE Far. 95:1,2)
2. Ulfina maqaa isaatiif faarfadha__ BDB 274, KB 273:*Piel* IMPERATIVE, Far.9:11; 30:4; 47:6-7 [shan]; 105:2; 135:3 (COHORTATIVE Far. 18:49; 27:6; 59:16; 71:22; 75:9; 101:1; 104:33; 146:1)
3. Galata isaaf ulfina kennaa__BDB 962, KB 1321, *Qal* IMPERATIVE ("kaa'aa:" "godhaa" ykn "techisaa"), Isa. 42:12
4. Waaqayyoon jedhaa __ BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERATIVE

⊡"**Hojin kee akkam dinqiidha"** jecha"sodaachisaa" ykn "kan sodaachisu" dha (BDB 431, Niphal PARTICIPLE:Far. 45:4;65:5). Hiiktoti tokko tok,koo, kan akka Macaafa Qulqulluu Iyeruusaalem, kana kan hiikan, "bakki olka'aa kee akkam sodachisaadhaa" kan jedhuun, haata'u malee kan fakkaatu sababa Lak. 5 waa'ee amala Waaqayyoo kan dubbachaa jirru miti, Waa'ee gochaa Waaqayyoo malee (Ba'u. 34:10, Kes.10:21,Far.65:5;139:14;145:6).Waaqayyoo seenaa keessattii hojjeteera (Ba'u.5_7 irrati).Gochi isaa gocha fayisuu mul'achuu kaayyooti (mata-duree addaa ilaali Far. 2 seensa irratti).

⊡ **"Aangoon kee guddaa dha, diinonni kees siif in gugguufu!"**kun afaan Ibirootaa tiin baay'ee hima rakisaa dha, hiikuudhaaf. Dhugaa dha humni Waaqayyoo diinota isaa didduu osoo hin hanbisin akka galateefatan godha (Far.18:44). Ibirichi jechuu kan barbaaduu "fakkeesuun abboomamuu" dha(BDB 471, KB 469,Piel IMPERFECT)Sabtu'aajentiin akkas jedhee hiika "soba" kan jedhu dha. Jechi Ibirootaa kaasaa kandeemu kanjeedhu hiika qaba, oftuulummaan hirataa kan adeemu, ykn kabajaa dhabuu (Far. 81:15). Kunis hika barbaachisu bakka kanatti amansiisaa ta'uu dhabuutu mul'ata.

**66:4 "lafarra kanjiraatu hundumtuu siif sagadu"** kunis sarara walfakkaataakan dubbdtu fakkaata, kan akka Filiiph. 2:9-11, jechuun guyyaa tokko lammanuu diinaa fi firri, lammanuu mucaa fi diinni YHWH beekamtii laata. Guuyyaa sana hundumtuu galata isaatiif in faarsu (22:27, 46:10, 65:2, 5,8,67:17, 86:9, Zakk. 14:16). Kunis raawatii isaanii tokkummaa qaba (Mik.5:2-5a)

⊡**"Selah"** jechi kun(BDB 699)akkasumas Lakk.7 fi 15 dhuma irratti ni'uumama.Far. 3:2 irratti yaadannoo ilaali, akkasumas seensa farfannaa VII.

## MACAAFA FAARFANNAA: 66:5-7

**5 Kottaa, wanta Waaqayyo godhee ilaalaa! Inni hojii isaa**
**Isa namoota irratti mul'atuun in sodaatama.**
**6 Inni gaalicha lafa gogaattu deebise, namoonnis miilla isaaniitiin**
**Lagicha keessa ce'a; kanaaf nuyi achitti isatti in gammanne*.**
**7 Inni jabina isaatiin bara baraan in mo'a, warri mormanii irratti**
**Ka'an akka of hin qabnetti, iji isaa saba lafa irraa in eega.**

**66:5 "kottaa ilaalaa"** jechi lamman kun*Qal* IMPERATIVES jecha lamman kan wajjin wal-simata *Qal* IMPERATIVES,"kottaadhaga'aa", lakk. 16 kan jiru Waaqayyoo waaqa seenaa keessatti hojjetuu dha, inni nama kan filate, gochaa isaa akka galmeesaniifii akka ibsaniif. Waaqayyoon beekuu ni dandeenya, hojii isaa tiifii dubbii isaatiin. Mataduree addaa ilaali: liqinfamuu Far. 19:7-9 irratti.

## MATA-DUREE ADDAA: MUL'ISUU (ILLUMINATION)

Baroota darban keessa Waaqayyo dhala namaatti of mul'isuuf adda baasee gocha hedduu godheera. Gama Tiyooloojiitiinis kun "Mul'ata" (revelation) jedhama. Innis namoota hedduu filatee akka isaan galmeessaniif of ibsuu kana akka ibsaniif godhe. Gama Tiyooloojiitiinis kun ibsuu /mul'isuu jedhama. Afuurri qulqulluun dubbii Waaqayyoo nama hubachiisa jennee yemmuu ibsinu rakkinni ka'u ni jira. Kan kanaafuu maaliif ibsi isaa hedduun jiraate? Jedhu. Rakkinni kunis kan inni mul'atu hubannoo fi muuxannoo jalqaba dubbistootni qaban keessatti. Ajandaan namummaa kan inni uumamu Wangeela akka barru mirkaneessuu (proof text) ykn Faashinii ammayyaatti ilaaluunidha. Ibsi Tiyooloojii kaawaa Wangeela ibsuu irratti qabu bakkawwan muraasaa fi karaalee filatamoo ta'an qofaan eeyyama. Afuurri qulqulluun lamaan isaanii keessattiyyuu argamu, mul'isuu (Illumination) fi ibsuu (inspiration) salphaa dhumatti wal qixa miti.

Ibsa gaarii kan ta'e yaada ijoo keeyyata ibsuuf yaaluu malee hiika bal'aa ta'e tokkoon tokkoon barreeffamaaf kennuu miti. Kunis duree yaadaa kan ijoo dhugaa barreessaa jalqabaa miidhuu danda'u waan ta'eefidha.

Gumee kitaabaaf baasuun ykn Ijoon og-barruu yaada/fedha barreessaa jalqabaa duukaa bu'uuf nama gargaara. Jijjiirraatu ibsama miti. Malawwan ibsa Wangeelaa barreessitootni itti fayyadaman irra deebinee uumuu hin dandeenyu. Waan isaan baroota isaanii keessatti jedhanii darban hubachuuf yaaluun baroota keenya keessatti dhugaa sana dubbachuudha kan nuti dandeenyu. Kutaan wangeelaa hin hubatamne ykn dhoksaa ta'es ni jira (hanga yeroo muraasaatti). Yeroo mara waldhabbiin (waliigaltee dhabuun) barreeffamoota muraasaa fi dhimma isaaniirratti ni jira, garuu ijoo dhugaa isaa adda baafnee ibsuu fi yaada barreessaa jalqabaa hordofuun jijjiirtotni akka jiran bilisummaa kennuufii qabna. Warri hiikkatanis ifa qabaniin adeemuu qabu. Yeroo mara ibsa wangeela irraa argatanii fi Hafuura qulqulluurraa qajeelfama argataniin sammuu banamaan ilaaluu qabu. Waaqayyos sadarkaa hubannoo keenyaa irratti hundaa'uu fi akkamitti akka jiraannu yaaduu keenyan qajeelfama nuuf ni kenna.

◘**" Inni hojii isaatti ajaa'ibsiisaa ta'e"** "ajaa'iibsisaa" kanjedhu jecha waliiwajjin adeemu irraa kan ka'e(BDB 431) innis Kes.4:34 fayidaa irra ooluu isaan (BDB 432) dha'icha Gibxii ibsuuf, akkasumas baay'een kan eeran lafa onaa keessa naana'uu irratti faarfannaa kan keessa waan jiruuf, baay'een isaanii gochaawan kan kan eeran gochaa yeroo seera Ba'uuti jedhu.

◘**"ijoollee namaa irratti"** gaaleen akkuma jirutti ta'e kun **"**ijoolleen Addaam" kaninni calaqisiisuu Waaqayyoo namoota hundaaf yaada inni qabuu dha. Uuma. 3:15 abdii Isiraa'iliif ta'e miti (innis waamamuu Abiraahaam Uum. 12 irrati haga ta'utti kan hintaane), ta'us namoota hundumaaf malee. Far. 65-67 abdii guddaa kana calaqisiisa, akkuma Isaayaasi fi Yoonaas irra jiru.

**66:6 "Inni galaana lafa goggaatti deebise"**kun seera Ba'uuti kan inni ilaallatu: Ba'u 14 (Far. 106:9), ykn gargar hir'uu Yoordaanos, Iyaasuu 3 irratti (Iya. 4:23).

**66:7 "Humni isaa barabaraan nibita"** yaad-rimeen kun Waaqayyoo biyya lafaa hundumaa irratti akka bituu fi akka mo'u kan agarsiisuu dha, Isiraa'el qofa irratti osoo hintaane (jechuun, Kes.Deb. 32:8,Far.47:7-8, Hoj. 17,26, fi kutaa Raajota gugguddoo, Waaqayyoo saba irratti akka faradu kan argisiisan).

◘**“Barabara”**mata duree addaa ilaali Far. 9:5 irratti.

◘**“ Iji isaa gara ormootaa ni ilaala”** kuni Ormoota fakiduu namoomsuutiin kan ilaalu ta’uu irraa kan ka’e, baay’een isaanii kan yaadan kun kan agarsiisu yaad-rimee eergamaa addunyaati ( sebtu’aajentiin Ke.Deb. 32:8 hiika). Kunis immoo dhugoomuu kan danda’u yaada finciltootaatiin, Lakk. 7c irratti akka jiru, kanaafis ta’uu kandanda’uu “jireenyatti nu’eegi” kan jedhuu dha Lakk. 9 irratti, kunis gamtaa Israa’elif kan eeru kan ta’ee dha. Yeroo jalqaba Macaafa Qulqulluutti gumiin waaqa irraa kan hundeefame Ergamaa ormootaatiin. og-barruu Yihuudotaatiin isaan Isiraa’elii wajjin dinummaa waan qabani fakkaatu, kanaaf Waaqayyoo Isiraa’eliif jaalala qabu qofa, badiisa irraa kan eege. Aappeendekisi XIII fi XIV ilaali kan Alferdi Idiriishim kan Masiihichaa jireenya Yesuus fiyeroo isaa.”

◘ **“Hamooti mataa isaanii olol-of hinqabin”** MT Hiphil IMPERFECT qaba JUSSIVE bifa kanaan fayidaa irra kan oole, hata’u malee bektooti mazoraatiki kan jedhan roga isaa irrati kan dubifamu (qeeree) akka jechaatti IMPERFECT qaba JUSSIVE bifa kanaan fayiidaa irra kan oolee dha. Gaditoo macaafa qulqulluu gaalee kan kan inni hiikuu “jal’oonni isa irratti akka hinkaane” kan jedhuudha. Dhaabataatti hiiki walmake gaalee kanhiiku, “jalloon isa irratti ka’uu hindanda’an” kan jedhuu dha.Kunis Far. 2 wajjin baayyee walfakkaata.

## MACAAFA FAARFANNAA: 66:8-15

**8Isin saba nana maqaa Waaqayyo keenyaa eebbisaa,**
**Sagaleen ittiin isa jajattan akka dhaga’amu godhaa!**
**9Inni jireenyatti nu eegeera, miilli keenyas akka hin bitintiree godheera.**
**10 Yaa Waaqayyo, ati nu qorteetta,**
**Akka meetiin Qoramee ilaalamus nu ilaalteetta*.**
**11Ati gara kiyyoo sanaatti nu geessitee, wanta gad nu qabus**
**Dugda keenya irra kesse.**
**12Ati namoonni akka adeeman goote, ibiddaa fi biishaan**
**Keessa darbine; utuma ta’u iyyuu ati bal’inatti nu baafteetta*.**
**13Ani qalma gubamu fudhadhee gara mana keeti ol nan gala.**
**Wareega koos siif nan baasa*.**
**14Inni isa yeroo ani rakkina keessa ture, arrabni koos tuqee**
**Afaan koos dubbatee dha;**
**15Horii coccoomoos qalma gubatuu fi aarsaa korbeessa hoolaas**
**Siif nan dhi’eessa; tuntunoo fi korbeessa re’ootaa aarsaa nan godha.**

**66:8-15** aanguun walalookun ibsa YHWH ni eera, Isiraa’el isa fincilaa dhaaf. Inni itti murteesseera, haaressuu dhaaf (deebisuu dhaaf).Namooti hundinuu gammaduutu ta’aaf, sababiin isa kaayyoon olchuun YHWH karaa Isiraa’elitiin ormoota hundumaaf ammas waan hojetuuf(mataduree adda ilaali Far. 2seensa irratti).

**69:9 “Jireenyatti kan nujiraachisu”** kun ta’uu kan qabu (1) kan kan eeru seenaa Hisqiyaasiiti, innis dhiitaan yeroo dhukkubee kan du’e, akka fayyuuf gara Waaqayyootti kadhate. Kara Isaayaas dabalataan waggaa kudhashan umurii akka kenneef yeroo itti himu, (2Mot.20). ykn (2) Isiraa’elif jireenya biyyaalessaa kan eerame irra deddeebiin yeroo weraramtee, giddu galeesa lafa coomaa irraa kan dhufan dinonni ishee.Waabii siriin kaminis hata’u kamiin, Waaqayyoo yeroo yerootti duuka-buutuu amanamtoota isaaf kunuunsa gochuufisa kennaa jireenya kee nyaatiif isa guddaa dha.Kanaaf Waaqayyoo kophaa isaa abbaa jireenyaati, innis warra amanamaniif in kenna (jechuun, Far. 65:5).

⊡ **"Miilla keenya rafamaaf hinlaanne"** jechi Ibirootaa "mucucaachuu" ("raafamuu" "raafamuu" ykn "mucucaachuu", BDB 557 ) faayidaa irra ooluu kan danda'u

1. Waan tokko muka irratti baachuu (Se.Lakk. 4:10,12,13:23)
2. Morma hidhamaa irratti kan godhamu waanjoo (Nahom. 1:13)
3. Bakka kanatti inni fakkeennoo fayyiinaati. Miilli isa tokko karaa amantii irraa hin raafamu (Far.55:22, 121:3, gochama Far. 15:5, 112:6 irrati)

Gaaleen kun faallaa kallattiiti "amantiin" kan jedhu hiiki jecha Ibirootaa (mata duree addaa ilaali Far.12:1 irratti), innis irra guddaan hiikisaa "cimanii dhaabachuu" (Far. 17:5,38:16,121:3).

**66:10 "Yaa Waaqayyoo, nuqorteeta"**kun yaad-rimee qoramsaati, innis sibiila hojjechuu Industirii irraa kan argame (Lak.10b). Waaqayyoo ijoollee isaa ni qora (Uu.22:1, Mat4:1). Innis kan kan godhuuf nuqulqulleesuuf, nu cimsuu, akkasumas jaboo nugochuuf (13:9: 1Phe1:17). Mata duree addaa ilaali Far.11:4b-5 irratti.

**66:11 "Gara kiyyootti nugalchite"** "ati" kan jedhu yeroo hamamiitiif Lak.10-12 irratti akka mullatu hubadhu (Far. 65:9-11). Farfatichi gochaa firdii tarreessa, kunis saba isaa gara qalbii jijjirannaati fiduuf, akkasumas eebbisuuf Lakk. (12c).

"Saaphana" (BDB 845) kan argamee "adamsuu" hundee jedhu irraati(BDB 844 II, Ezek. 13:21) yeroo baay'ee faayidaa irra kan inni ooluu kiyyoo bineesaaf (Ezek. 12:13; 17:20). Jechi kun Inbaaqoom. Irratti fayyidaa irra ooleera 1:15-17 warri Baabiloon meeshaa loltuu ibsuu dhaaf. Kanaafu inni biyyaa Isiraa'el weeraruuf kan eeru ta'uu danda'a.

Kan biraan fayadami jecha kanaa "daannoo" yaada dha (BDB 845 II, Far. 31:3; 71:3; 91:2; 144:2). Kun raawatee hiika adda ta'e dabarsa,gara Lak.11 yeroo hiiku.

⊡**"Dugda keenya irras rakina kaa'e"** "shakim" jechi jedhu (BDB 734, KB 558,asi qofatti Kakuu Mofaa irrtti kan argamu) ba'aa caalaa gara boodaatti kan harkisu yaada jedhu qaba. BDB isa kan inni ibsuu kan akka "compression" ykn "rakina' dha. Dugdi qaama nama maashaa cimaadha, akkasumas yeroo hundumaa fakiiduun fayidaara oola (Kes.Deb. 33:11).

**66:12 "Mataa keenya irra nama dhaabachiiste**" kun kan ibsuu namoota hamoota dha (jechuun, sabi waaqa tolfamaa waaqessu) saba waaqayyoo yeroo to'atan (Isa.51:23).

⊡ **"Abiddaa fi bishaan gidduu dabarre"** abiddaa fi bishaan gidduu dabarre fakiiduun lamman kun waa'ee rakkina jabaa kan dubatanii dha. Isa.43:2 hima bareedaa ilaali, jechuun, Waaqayyoo rakkoo keenya gidduutti akka nun dhiisne.

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"bakka eebbaa"** |
| **NKJV** | **"xumura badhaadhummaa"** |
| **NRSV** | **"bakka kabajaa"** |
| **TEV** | **"bakka fayyinaa"** |
| **NJB** | **"lammaffaa boqochuu"** |
| **JPSOA** | **"gara badhaadhinaatti"** |
| **REB** | **"gara eebbaatti"** |
| **LXX** | **"deggeruu dhaaf" ykn "haaressuu dhaaf"** |

Jechi kun(BDB 924, KB 1201)hiikuu dhaaf baay'ee rakkisaa dha.Hundee hiika isaa guutuu dha. Innis Far. 23:5 irratti fayyiidaa irra kan oolee jecha wajjin wal-fakkaataa dha "xoofoon koos irra dhangala'aa dha." Innis al-tokko tokko "bakka bal'aa" kan jedhuun hiika (Far. 18:19,31:8, 118:5),

jechuun bakka boqonnaa, ykn “bakka ija qabeesa” biyyattii abdii agarsiisuuf. Hiikti kun “boqonnaa” jecha jedhu kan keessa galchan bakka kanatti kan bu’uura godhatu, jijjirama qubee Isiraa’el tokkoon, jecha kana irratti Macaaf Qulqulluu NET ilaali, Fuula.931, Lak.7).

Kan UBS barreefami porojektii (Ful.287) “guutuu” kan jedhu kan “B” sadarkaa laata (shakkii muraasa” innis hiika lama akka qabu eerudhaan.

1. Irraa hafaa
2. Kan boqonnaa ykn qilleensa bilisummaa

**66:13-15** Barreesaan kun (lak.16b ykn bifa waliin) aarsaa galataa dhi’eessuun wareega isaa raawachaa jira (Ser.Lak.30:2, Kes.Deb.23:21-23

## MACAAFA FAARFANNAA: 66:16-20

**16 Isin warri Waaqayyoon sodaattan hundinuu**
**Kottaa, dhaggeeffadhaa! Ani wanta inni anaaf**
**Godhe nan hima.**
**17 Ani guddisee gara isaatti nan iyyadhe;**
**Arrabni koos isa jajuuf in qophaa’e.**
**18 Ani hamaa gochuu garaa kootii yaadera**
**Ta’ee, gooftichi matumaa ana hin dhaggeeffatu ture*.**
**19 Waaqayyo garuu dhuguma ana dhaga’eera,**
**Sagalee kadhata kootiis yaadaan anaaf qabeera.**
**20 Kadhata koo waan of irraa hin deesiniif, gaarummaa**
**Isaa ana irraa waan hin fudhatiniif, maqaan**
**Waaqayyoo haa eebbfamu!**

**66:16 “Waaqayyoon kan sodattan hundumtuu, kottaa, nadhaga’aa”** gaaleen kun jalqabu jecha lama *Qal* IMPERATIVES (yaadannoo ilaali Lak.5 irratti).Macaafni Ququlluun yuuniversaalii hinbarsiisu, hata’u malee yuuversaalizimii kennaa ayyaana Waaqayyoo nibarsiisa, deebii kan laatan(Yoh. 1:12, 3:16:36, 6:40, 11:25-26, Rom. 10:9-13). Waaqayyoo deebii in laata, deebii kan laataniif. Haalicha garuuhubadhu, “Waaqayyoon kan sodaatan hundumaa.”

⊡**“Lubbuu kootiif kan inni godhe isinittin hima”** Lak. 9 jireenya Isiraa’el kan of keesatti hamate akka ibsu, Lak. 13-15 fi 16-20 akkasumas kan Waaqa tokkoo kan jireenya nama dhuunfaa ibsa,(jechuun Farfaticha). Innis jireenya kadhaa isaa ibsa. Yeroo hundumaa farfannaan kan jalqabu jireenya nama dhuunfaa irraa yeroo ta’u, kan xumurus kan walitti cuunfe galata waliigalaati, faarfannaan kun garuu faallaa isaati.

**66:17** tokko illee sagalee osoo hinbaasin dubbisuu fayiidaa dubbisuu (Baha dhi’oo duritti) akka hinturre hundumaa, akkasumas calisuun kadhoo hinturre (1Sam.1:13 ilaali).

**66:18**Haalli ilaalchaa baay’ee murteesaadha. Mata duree adda ilaali: kadhaan kan hin murtoofne, ta’ees kan murtaa’e Far.64:1 namoonni cubbuun isaan qalbii hin jijjiiranne nama sana jaamsa, Waaqayyoof argamuuf jaalala. Cubbuu hojjechuun yeroo dha fi barabarummaa irratti ajajuu (bu’aa) lammanuuf kan amanee fi kan hin amanne.

**66:19** Duuka buutuu amanamaa Waaqayyoon akkadhaga'u in amanu (Far. 18:6) akkasuumas deebii ta'u akka kennu! Kun wabii amantiiti, kan mirkanaa'e osoo hintaane (mata duree addaa ilaali: wabii Far.51:11b).

**66:20 "Waaqayyoof hagalatu"**galata (BDB 138, KB159, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE, Far. 68:35) kan dhufe Waaqayyoo biraati, akkasuumas Waaqayyoo dhaaf. Isa malee galati hinjiru. Isa eebisuun/galateefachuun in ta'aaf

1. Eenyumaa isaaf (Lak. 10-12 2Qor.1:3)
2. Waaninni godheef (Lak. 1-3)
3. Isa godhaa jiruuf
4. Dhufuuf kan jiruuf (Lak. 4,8)!

⊡**"Gaarummaa"** mata duree addaa ilaali, Far. 5:7 irratti.

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Far. 66, 65 fi67 wajjin akkamitti adeema?
2. Lak. 3 hiikuudhaaf maalif rakkisaa ta'e?
3. Ergama biyyoolessaaf ragaan Macaaf Qulqulluu nijiraata ta'a (Dan.10)?
4. Waaqayyoo nama dhuunfaa fi saba maaliif qora?
5. Kadhata wajjin kan walqabate tareessi, Lak. 17-20 irratti

# FAARFANNAA 67

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Hojii Waaqayyoo galateeffachuuf ormoonni ka'aniiru<br>Seensa MT kan qabu<br>Angafa faarffattoottaa fi meeshaa ribuu qabuun Faarfannaa | Gaargaarsaaf waamichaa taasisuu fi waaqa ooqubaa | Waa'ee yeroo midhaan galfatan galateeffachuu | Faarsaa galataa | Faarsaa yeroo midhaan sassaabuu |
| 67:1-7 | 67:1-2 | 67:1-3 | 67:1-2 | 67:1-2 |
| | 67:3-4 | | 67:3 | 67:3 |
| | | 67:4-5 | 67:4 | 67:4 |
| | 67:5-7 | | 67:5 | 67:5 |
| | | 67:6-7 | 67:6-7 | 67:6-7 |

**DUBBISA MARSAA SADA  (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun akkuma Faarfannaa 65 fi Faarfannaa 66, qabiyyee waligalaa qaba (Lak.2,3,4,5,7, keessummatti Lak. 2). Kan galma YHWH
   1. Biyyi lafaa isa akka beeku (Lak. 2a)
   2. Biyyi lafaa akka fayyu (Lak.2b)

   Inni mataa isaa akka beekamu godha
   1. Karaa gocha Uumamaan
   2. Karaa gocha filannoon (jechuun, Abirahaamii fisanyii isaa)
   3. Karaa oolchuutiin (jechuun, keessummatti Seera Ba’uu, lafa onaa keessa bujunjuruu, fi mana hidhaa deebi’uu)
   4. Gochi kun galmeefameera, hundumtuu Qulqulluu sagalee isaa irraa akka dubbisan
   5. Gochi itti fufu abdii fi raajiin, karaa masihiichaa

B. Faarfannichi amala kan godhate JUSSIVE fayyadamuu dhaan.
 1. Gochawwan Waaqayyoo

a. Waaqayyo haa ulfaatu, Lak. 1 – BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT faayidaa irra kan oole JUSSIVE
b. Waaqayyo yaa'ulfaatu, Lak. 1 – BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT mira kanaan faayidaa irra oole JUSSIVE
c. Waaqayyoo fuula isaa siratti haa'ibsu, 1 – BDB 21, KB 24, *Hiphil* JUSSIVE
d. Waaqayyoo si'eebisu, Lak. 7– BDB walfakkataa akka b

2. Deebii namootaa

a-b. namoonni in galateefatu (lammata) Lak. 3 – BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT miira kanaan fayiidaa irra kan oole JUSSIVE

c. Oromoonni in gammadu Lak. 4 – BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT miira kanaan faayidaa irra kan oole JUSSIVE
d. Ormoonni gammachuu dhaan faarfatuu Lak 4 – BDB 943, KB 1247, *Piel* IMPERFECT miira kanaan fayidaa irra kan oole JUSSIVE

e-f. Irra deebiin kan Lak. 3 (jechuun, a-b)

C. Anii qabiyyee Deerki Kidinertti baay'een gammada. Yaada bal'aa isaa Seera.Uum. fi Faarfannaa, barrefama walitti aanaa tindallee Kakuu Moofaaa naaf ta'eera. Jalqaba yaada bal'aa Faarfannaa kanaa irratti akkas jedha:

"Faarfannaan naannoo abdii Abiraahaamitti yoo barreefame, inni in eebifamas eebbaafis ta'a, wantoota akka kanaa irratti gaarii godhee ibsameera" (Fuula. 254).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA : 67:1-7

**1 Waaqayyo araara nutti haa argisiisu,**
**Nu haa eebbisus! Fuula ifaadhaanis nu haa ilaalu*!**
**2 Kanaanis yaa Waaqayyo, karaan ati hojjetu,**
**Lafa irratti fayyisuun kees saba lafa irraa**
**Keessatti haa beekamu*.**
**3 Namoonni galata siif haa galchan, yaa Waaqayyo!**
**Namoonni walitti qaban isaanii galata siif haa galchan*!**
**4 Ati qajeeltootti namoota waan bulchituuf, saba**
**Hundumaas lafa irratti waan geggeessituuf,**
**Sabni lafa irraa haa gammadu, gammaduu irraa**
**Kan ka'es haa faarfatu!**
**5 Namoonni galata siif haa galchan, yaa Waaqayyo!**
**Namoonni walitti qabaan isaanii galata siif haa galchan!**
**6 Lafti miidhaan baaseera, Waaqayyo gooftaan keenya**
**Nu eebbiswwea*;**
**7 Waaqayyo nu eebbiseera, aandaara lafaa keessa**
**Kan jiran hundinuu isa haa sodaatan!**

**67:1** Lak.1 kadhata, waliigala aarsaa fayisuu Waaqayyoo.YHWH in barbaada, akka bifa isaa fi fakeenya isaatti namoonni uumaman hundumtuu (Seer.Uum.1:26-27) gara tokkummaatti akka deebi'an, Seer.Uum. 3 irra kan jiru fincilli Addaamii fi Hewwaan cubbuu ordofee.Seer.Uum. 3:15 abidiin namoota hundumaatiif kan abboomameef (Isiraa'el kan jedhu hin turre, Abirahaam Seer.Uum. 12 irratti haga waamutti).

Kan miidhame “fakkaattii” fayyina/haara’uun galma Waaqayyoo hin jijjiiramne ta’eera, kufaatii irraa ka’ee (jechuun, Isa.2:2-4, 45:22, 52:10, 56:7, Miki. 4:1-2). Mata duree addaa ilaali: kan YHWH karoora fayyisuu bara baraa Far. 2 seensa irratti. Innis bu’uura koo dursa tilmaamaa garee og-waaqummaa argisiisa!

▣ **“Nutii”** “nutii” eenyu isaan (lamata Lak. 1 irratti fi Lak. 6b, 7a)? Seer.Lak. 6 waabii (jechuun, eebba Aaron) Isiraa’el jedhamee tilmaamuun in danda’ama (Far.4:6), haa ta’u malee waabii kan biraa hubadhaa.

1. Saboota Lak. 3, 4b,5a
2. Saboota hundumaa Lak. 3, 5b
3. Ormoota, Lak. 4a
4. Ormoota biyya lafaa, Lak. 4c
5. Daangaa biyya lafaa hundumaa, Lak. 7b

Waaqayyoo hundumaa fayyisuu barbaada (Yoh 3:16-17, 4:42, Hoj.2:17, 1Xim2:4, 4:10, Tito. 2:11, 2Phe.3:9, 1Yoh. 2:1-2, 4:9-10).

▣ **“Selah”** Far. 3:2 yaadannoo dhaa fi seensa Faarfannaa dhaaf, VII ilaali.

▣ **“Fuula isaas nurratti ha’ibsu”** jechii eebba kana, kan YHWH qaamaan argamuu fi tokkomaan kan dhufee eebba Aaron irraati, Ser.Lak. 6:22-27. Fakkeennoon yeroo baay’ee irra deddeebi’a Faarfannaa (Far. 4:6, 31:16, 80:3, 7,19, 119:135).

**67:2 “Karaa kee”** karaan Waaqayyoo kunii ibsa isaa agarsiisa. Mata duree addaa ilaali: jecha mul’ata Waaqayyoo Far. 1:2 irratti. Kan Far. 16:11 cina Og-Waaqummaatiin ilaali.

Kan macaafa qulqulluu yaadi rime amantii akka karaa wanta guddaa dha (Faarfanna 1 ilaali). Yesus akka karaa fi balbalaatti ibseera (Mat. 7:13-27), dandamachuu dhuunfaa, jireenya Kiristoos irratti kan xiyyaafate of duukaa buusee (Ya’i. 2:14-26). Ibsa yaada bal’aa koo, HoE. 9:2 yaadannoo miilla jalaa irra ka’eera.

> HoE. 9:2 “karaa” kun dur maqaa amntootaati (19:9,23,22:4, 24:14 akkasuumas 18:25,26 ta’uu kan qabu). Innis kan Kakuu Moofaa haal duubee qaba, waa’ee akkaatee jireenya amantii kan inni dubbatu (Far. 1:1, 16:11, 119:105, 139:24, Fak. 4:10-19). Yesus yaad-rimee kana gargaarameera Mat. 7:14 irratti, akkasuumas maqaa isaa ofii isaaf fayyadameera, Yoh.14:6 irratti. Kristaanummaan ejjennoo dhuunfaati, walitti dhufeenya guyyaa guyyaa dabalatee

▣**“Lafa”** mata duree addaa ilaali Faarfannaa 1:2 irratti. Hiika qabiyyee barreefamichaa ni murteessa!

**67:4** lakkoofsi kun alta’aa ta’uu hindanda’u (jechuun, firdii qofa) sababii isaa firdiin Waaqayyoo tola irratti Ormootaaf sababa ta’a

1. Gammachuu
2. Gammachuudhaan faarfachuu
3. Waaqayyoon geggeefamuu

Yaanni Ormoonni Waaqayyoon geggeefamu faayidaa guddaa fudhata, yeroo hamamiif akka ture hubannaan yeroo argammutti (kan darbe,kan ammaa, kan fulduraa) jechi kun (BDB 634) Isiraa’eliif faayidaa irra kan oole (Kees. 32:12, Nah. 9:12,Far.5:8, 23:3, 73:3,78: 14, 53,,72,107:30, 139:10, 143:10). Egaa kun geggeesummaa Haafuuraatu argama, qalbii kan jijjiiratuuf, kan amanuuf, addunyaa ormootaaf (Er. 16:19).

**67:6** Abdiin Kakuu Moofaa eebba qonnaa ture, abboommii isaa kan eegan isaaniif (jechuun, Lew. 26, Kees. 27-28). Lakkoofsi kun kan agarsiisu amantoota qalbii jijjiiratanii dha, saba biyya lafaa gidduu dha. Innis dhiibbaa bara dhumaa qaba.

Macaafni Qulqulluun kan jalqabuu eebba qonnaatiin (jechuun, gannata Eden) kan inni raawwaatus jecha walfakkaatan (Mul'ata 21-22). Kunis kan inni agarsiisu bakka tokkumaa Waaqayyoo fi nama gidduu Gannataa Eden akka deebi'uu dha (jechuun, lafa qulqulloofteef haarofte). Kun jecha hata'u raaji karaan ittiin beekamu hin jiru.

Beektoonni baay'een faarfannaa kana kan ilaalan akka eebba dammaati, lakkoofsa kan irratti hunda'uu dhaan. Ta'us qabiyyeen addunyaalessummaa baay'achuun kan shakkisiisaa godhu. Faarfannaan kun hawwii Waaqayyoo qabuu dha, ormooti hundumtuu isa akka beekaniif (Lak.2) akka duukaa bu'aniif (Lak.4) fi, akka eebbifamniif (Lak. 6)

**67:7 "Daangoon biyya lafaa hundumtuu in sodaatu"** kun "sodaa" jechi jedhu fayyadami isaa, (BDB 431, KB 432) aja'ibsiifachuun, kabajaan, sodaa dha. Ergaan waliigalaa kun immoo Far.22:27 fi33:8 irra jira.

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajeelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti

1. Faarfannaan kun eenyuun ilaalata?
2. Lak. 2haala Og-Waaqummaatiin baayyee fayida qabeesa kata'eef maalif? Ergaan kun faarfannaa kanaaf addaa?
3. Lakkoofsa 4 jecha mataa keen ibsi. Inni sirii dhamoo alta'a dha?
4. Samiin lafa haara'e in ta'a?

   Dhiibbaan Og-Waaqummaa faarfannaa kanaa faarfannaa dhaaf kessummaa dha?

# FAARFANNAA 68

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqni Siinaa kan mana qulqullummaa issaas | Ulfina Waaqayyoo gaarummaa Israa'eeliif kan qabu irraa | Sirna qulqullaa'aa ayyaana kabajuuf mana qulqullummaa keessatti | Faarsaa moo"ichaa kan biyyooleessaa | Walaloo ulfina Israa'eel |
| Seensa MT kan qabu angafa faarfattootaaf Masanqoodhaan faarsa Daawiit | | | | |
| | 68:1-3 | 68:1-3 | 68:1-3 | 68:1-2 |
| 68:1-4 | | | | 68:3-4 |
| | 68:4 | 68:4 | 68:4 | |
| | 68:5-6 | 68:5-6 | 68:5-6 | 68:5-6 |
| 68:5-6 | 68:7-10 | 68:7-10 | 68:7-10 | 68:7-8 |
| 68:7-10 | | | | 68:9-10 |
| | 68:11-14 | 68:11-14 | 68:11-14 | 68:11-12 |
| 68:11-14 | | | | 68:13-14 |
| | 68:15-16 | 68:15-16 | 68:15-16 | 68:15-16 |
| 68:15-18 | 68:17-18 | 68:17-20 | 68:17-18 | 68:17-18 |
| | 68:19-20 | | 68:19-20 | 68:19 |
| 68:19-23 | | 68:21-23 | | 68:20-21 |
| | 68:21-23 | | 68:21-23 | |
| | | 68:24-27 | | 68:22-23 |
| | 68:24-27 | | 68:24-27 | 68:24-25 |
| 68:24-27 | | 68:28-31 | | 68:26-27 |
| | 68:28-31 | | 68:28-31 | 68:28-29 |
| 68:28-31 | | 68:32-35c | | 68:30-31 |
| | 68:32-35 b | | 68:32-35c | 68:32-24a |
| 68:32-35 | | 68:35d | | 68:34b-35c |
| | 68:35c | | 68:35d | 68:35d |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

**A.** Faarfannaa kana irrattiwalfakkaataa kan ta'e (tokkummaa kan qabu) ergaa argachuuf rakkisaa dha. Inni ta'uu kan qabu walitti qabama gochaawan YHWH ti, karaa Isiraa'elitiin (jechuun,

mo'uun Seera Ba'u, Yerusaalamitti bu'ureefamu mana qulqullumma).NASB qayyabannaa Macaafa Qulqulluu (Fuula. 805) isa kan waamatu "ayyaan waaqefannaa faarfannaa, innis mo'uu seera Waaqa Isiraa'el ulfinasaa" kan jedhuu dha. Kun dhugaa yoo ta'e, faarfannaan kun Nah. 9 wajjin walfakkaata.

B. Beektooti tokko tokko faarfannaa kan akka isaan itti ilaalan ergaa tokko malee akka qindaa'etti.

1. NRSV, Oksifoordii isa Haaraa ibsa Macaafa Qulqulluu (Fuul. 728) kan jedhu, "kun hiikaaf faarfannaa rakkisaa dha, kanaafis waliigalteen waliigalaa hinjiru, hiika irrattis akka waliigalaatti ykn tarrefama hedduu isaa irratti."
2. UBS, macaafa yaadannoo faarfannaa (Fuul. 577) kan jedhu, "lamaanuun, akka bareefamaattis ta'a hiikaatti faarfannaan kun rakkisaadha, faarfannaa hundumaa keessaa, hubachuufis ta'e hiikuuf. Yaaamu kan qabu tokko kan ta'e barreefacha irra hinjiru."
3. Qayyabannaa Macaafa Qulqulluu kan Yihuudota (Fuula. 1353) kan jedhu, "jechooti isaa jechoota kudhashan ofkeesatti qabata, Macaafa Qulqulluu keessatti bakka tokkottillee kan hin jirre, dabalataanis jechooti hin baratamne kan biraan of keessatti qabata,
4. Dabalataanis kan biraa jechoota hin baratamne of keesatti dabalachuun isaa hiikuu dhaaf rakkisaa godheera. Dhugummati, kutaan hedduun isaa ifa osoo hin ta'in hafa, akkasuumas baay'een kan ilaalatu faarfannaa irratti baay'ee rakkisaan faarfannaa akka ta'ee dha."
5. Qindeefama barrefamichaa kan hin mirkanoofne sababi tokkoffaan maqaa waaqummaa hedduu dha (mata-duree addaa ilaali Far. 1:1 irratti) faayyidaa irra kan oolan.
   a. *Elohim* (BDB 43), Lak. 1,2,3,4,5,6,7,8 (yeroo lamma), 9,10,15,16,17,18,21,24 (lammata),26,28,31, 32,34,35 (lamma).
   b. Yaahi (BDB 43), Lak. 4,18
   c. *Eloah* (BDB 43), Lak. 8,28 (SINGULAR of *Elohim*)
   d. *Adonai* (BDB 10), Far. 11,17,19,20,22,32
   e. *El Shadda'i* (BDB 994), Far. 14 (maqaa YHWH abbootaaf, Ba'u. 6:3)
   f. El (BDB 42), Far. 19,20 (lammata), 35
   g. YHWH (BDB 217), Far. 20,26
   h. Mootii (BDB 572 II), Far. 24

C. Yaadamuu kan qabu tarreefama ergaa yaada ijoo.
1. Mo'icha loltuu
   a. Lak. 1-4 (maqaan isaanii kan hin eeramnee diinota, bujunjuruu lafa onaa keessaa ta'uu danda'a, Lak 4b)
   b. Lak. 11-14 (maqaan isaanii kan hin eeramnee Mootota, weerara kan geggeesan garuu kan mo'aman)
   c. Lak. 19-23 (maqaan isaanii kan hineeramnee diinoota)
   d. Lak. 28-31 (Gibxii)
2. Xiyyaafannoo kakuu
   a. Warra gadii aanoo gargaaruu, Lak.5-6
      (1) Ijoollee maatii hinqabne
      (2) Abbaan manaa kan irraa du'e
      (3) Hiyyeessa
      (4) Qoba galeessa
   b. Eebba, Lak.7-10
   c. Siinaa, Lak. 15-18
3. Mana Qulqullummaa
   a. Mootiidhaa fi sabi Isiraa'el hiriiraan gara mana Qulqullummaati deemuu Lak.24-27

b. Sabni hundumtuu Waaqayyoon galateefatu (jechuun,ergaa Faarfannaa 65-68) isaanis mana Qulqullummaa irra kan bitan (jechuun, Yeruusaalem, Stiyoon, Gaara mooriyaa, Mana Qulqullummaa), Lak.32-35.

Kanaaf, an kanan tilmaamu faarfannaan kun kan ibsu mo'icha loltuuti, gara Mana Qulqullummaatti deemsa godhamu wajjin, guyyaan isaa mirkanaa'aa miti!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA : 68፡1-4

**1 Waaqayyo ol in ka'a, diinonni isaas in bittimmaa'u,**
**Warri isa jibbanis fuula isaa duraa in baqatu*!**
**2 akkuma qilleensi aara oofu, akkasuma atis isaan**
**In oofta; akkuma gagaan ibidda duratti baqu,**
**Warri jal'oonni fuula Waaqayyoo duraa in badu.**
**3 Warri qajeelonni garuu in gammadu, isaan Waaqayyo**
**Duratti gammaduu isaanii in mul'isu, gammachuudhaan**
**Warra itti tole in ta'u!**
**4 Waaqayyoof weeddisaa, mi'a gara garaatiinis maqaa**
**Isaa faarfadhaa, isa lafa duwwaa gararraa adeemus**
**Ol kaasaa faarfadhaa! Maqaan isaa "Is jiru" jedhama,**
**Fuula isaa duratti gammaduu keessan mul'isaa*!**

**68:1-4** aanguun jalqabaa kun jecha baay'ee *Qal* IMPERFECTS qabu, isaanis JUSSIVE miira kanaan fayyidaa irra kan oole ta'uu danda'a. "tarii…" fi "mee…" kan jedhan gochami seer-luga bifa kana ittiin adda baasanii dha.

1. Waaqayyoo haa ka'u – BDB 877, KB 1086, Qal IMPERFECT
2. diinoonni isaa hatamsa'an – BDB 806, KB 918, Qal IMPERFECT
3. kan isa jibban fuula isaatii habaqatan – BDB 630, KB 681, Qal IMPERFECT
4. cubbamooti habadan – BDB 1, KB 2, Qal IMPERFECT
5. toloonni haa gammadan – BDB 970, KB 1333, Qal IMPERFECT
6. Waaqayyoo duratti hagamadan – BDB 763, KB 836, Qal IMPERFECT
7. gammachuu dhaan hagammadan – BDB 965, KB 1314, Qal IMPERFECT

⊡ Amalli dinota Waaqayyo karaa addaa addaatiin akka ibsamu hubadhu.

1. Diinota, Lak. 1a– BDB 33, KB 38, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE ("diinota kan ta'an")
2. "Kan isa jibban" Lak. 1b– BDB 971, KB 1338, *Piel* PARTICIPLE
3. Cubbamoota, Lak.2c– BDB 957

Isaan "hadigaman," "haabaqatan" "haa ari'aman" "haabadan" toloonni garuu

1. Haa gammadan, Lak.3a
2. Oli haajedhan, Lak. 3a
3. Gammachuutti gammadaa, Lak. 3b
4. Waaqayyoof faarfadhaa Lak. 4a– BDB 1010, KB 1479, *Qal* IMPERATIVE
5. Galata maqaa isaaf in faarfatu Lak. 4a – BDB 274, KB 273, *Piel* IMPERATIVE
6. Isaaf karaa qoopheessaa, Lak. 4b – BDB 699, KB 757, *Qal* IMPERATIVE
7. Fuula isaatti gammadaa, Lak. 4c – BDB 759, KB 831, *Qal* IMPERATIVE

**68:1 "Waaqayyoo (Heelohim)…haa ka'u"** kana karaa lama hubachuun in danda'ama.

1. Teessoo isaa irraa haa ka'u, hojii irra ha'ooluf

2. Gabateen kakuu gara boojuutti in fudhatama, loltuu duratti (See.Lak. 10:35)

**68:2** Tooftaa mo'ichaa hedduu.

1. Akka aara urkuu
2. Akka aara qileensa jabaa dura jiruu
3. YHWH duratti akka gagaa baqu (Far. 97:5, Mik.1:4)
4. Haabadan (jechuun, akka badan gochuu,BDB I)

**68:4** Lak. Kun 4 IMPERATIVES qabu, hojii tolaa kan ibsan

1. Waaqayyoo dhaaf in faarfatu- gochaa Mana Qulqullummaa
2. Galata maqaa isaaf in faarfatu-gocha Mana Qulqullummaa
3. Isaaf karaa in qopheessu- qophaa'ummaan fakiduu Mootiti isa. 35:6-10, 57:14,62:10
4. Fuula isaatti gammadaa- gocha Mana Qulqullummaa

Ergaan tokkummaa faarfannaa kan waaqefannaa Mana Qulqullummaatti (68:5,24-27, 29,35).

⊡ **"Gara lafa onaatti jijjire"** yaad-rimee **YHWH** dumessa irra adeemuu isaati (Lak. 33) ba'aal kan eerudha, waaqa qilleensa jabaa warra Kana'an, innis bokkaa kan fiduu.Yeroo hundaa maqaan waaqa tolfamaa YHWH dhaaf laatu, kophaa isaa waaqa dhugaa kanta'e (Kee. Deb. 33:26, Isa. 19:1).

MT "lafa onaa" (BDB 787) qabu KB 879 kan jedhu garuu "duumessaa" dha hundee Ugaariiti irraa ( Far. 104:3). Kunis qabiyyee barrefama isaa wajjin haala foya'an waliigalat (NKJV, NRSV, TEV, NJB, JPSOA, REB, Far. 18:9-15).ASV ערב jecha jedhu fudhata (BDB 787) "Arabiyaan" akka eeru (2 Sen.Bar. 17:11; 21:16; 22:1; 26:7). Qabiyyee barrefamichaa ilaali, c 1

LXX מערב hundee jedhu fudhata (BDB 581 II) hiiksaas "lixa"
Targihumsi, peshitaa dhaa fi Kingi Jemsitti aananii kan jiran, "sami" kan jedhu qabu Lak. 33.

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:5-6

**5Waaqayyo iddoo isaa isa qulqullaa'aa keessa jira;**
**Warra abbaa hin qabneef abbaan, haadhoti**
**Hiyyeessaafis falmaan isa*.**
**6Waaqayyo warra qophaa jiraataniif maatii**
**In kennaaf, warra hidhamanis gara jireenya**
**Gaariitti in baasa; warri mormanii isa irratti**
**Ka'aan garuu biyya qoqoree keessa in jiraatu.**

**68:5-6** Waaqayyoo karaa isaanii ta'ee namoota inni ittiin hojjetu hubadhu (jechuun, See. Ba'u. 22:23).

1. Maatii kan hin qabne– Ba'u. 22:22; Ke.Deb. 14:29; 24:17; Far. 146:9; Isa. 1:17; Er.. 7:6; Ya'i 1:27
2. Maati kan hinqabne – Ba'u. 22:22,Kes.Deb. 14:29, 24:17,Far. 146:9,Isa. 1:17,Er. 7:6,Ya'i 1:27
3. Abbaan mana kan irra du'e – Ba'u. 22:22,Kes.Deb. 14:29, 24:17,Far. 146:9,Isa. 1:17,Er. 7:6,Ya'i 1:27
4. Kopha-galeesa – BDB 402:KB 405:Arabiffa irraa "Qofa ta'uu"
5. hiyeesa – Iyo. 31:16-20,Far. 69:33 ( "garicha:" BDB 64),YHWH "isa rakkataaf" in keenna (BDB 776) Lak. 10 irratti

lakkoofsa 6 irratti adeemsa irra kan jiru itti fufeenya kan qabu gocha Waaqayyoo irratti garaagarumma akka jiru hubadhu

1. mana ijaara (" mana mijeessa") – BDB 442, KB 444, *Hiphil* PARTICIPLE
2. hin marra'a– BDB 422, KB 425, *Hiphil* PARTICIPLE

Hiyyeesaa fi rakkataa dhaaf mana dhaabbataa wajjin akka faallaatti (BDB 1014, KB 1496, *Qal* PERFECT) warra didduu fi finciltuu, isaanis kan hin jijjiiramne (BDB 710, KB 770, *Qal* PARTICIPLE) akkasumas "lafa gogaa irratti" kan jiraatan (BDB 850, Kakuu Moofaa irratti as qofatti, haa ta'u malee fakkeennoo baratamee dha, YHWH dhaaf malattoon firdii isaa mul'achuu dhiisuun Far. 78:17, 107:34,40).

⊡ **"Finciltoonni garuu gara lafa onaa jiraatu"** tokko ajaa'ibsifachuu danda'a isaan finciltoonni kun Lak. 1-2 irratti kan eeraman wajjin namoota wal fakkaatoo waan ta'aniif. Haa ta'u malee Lak. 5-6 akkataa yaada qabiyyee barrefamichaa kan ilaalatu isaan kan hin amanamne kakuu Isiraa'elootaa ta'uu isaati.

Badhaadhina duuka butotaa amanamtoota kan ittiin adda ba'an ta'uu isaatiif, dhabiisi bokkaa immoo mallattoo finciltootaa ta'uusaa. Og-Waaqummaan akka kana, kunis abbomamuu kakuu irratti kan hundaa'e (Lew.26, Kes.De. 27-30) "karaa lamaan" jedhamuun beekama (68:7-10, Kes.De 30:15-20, Far 1).

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:7-10

**7 Yaa Waaqayyo, yeroon ati saba kee dura**
**Buutee kaate, lafa duwwaa sana kuttee adeemte*;**
**8 Tulluu Siinaatti akkuma ta'e, fuula Waaqayyoo duratti,**
**Fuula Waaqayyoo isa kan Israa'el duratti lafichi in socho'e,**
**Bantiin waaqas bokkaa coccophse*.**
**9 Bokkaa baay'ees biyya isa dhuunfaa kee godhatte**
**Irratti roobsite, yaa Waaqayyo, yeroo inni jiidha**
**Dhabee laabba'ettis lubbuu itti deebifte.**
**10 Yommus warri kan kee ta'an achi keessatti iddoo**
**Jireenyaa in argatan; Yaa Waaqayyo, ati gaarummaa**
**Keetiin warra waan barbaachisu dhabaniif isa in qopheessite.**

**68:7-10**Xiyyaafannoon itti fufera "kara lamman" irra kan jiru. Aanguun kun kan inni waliin maku

1. kan bara lafa onaa keessa bujunjuruu (jechuun, Isiraa'el YHWH dhaan yeroo geggeefame, duumesaan, Ba'u.13:21, 14:19, 24, Far. 78:14, 105:39) akkasumas dinqii dhaan kan laatameef (jechuun, bishaan, Mannaa, dibiriqe)
2. biyyatti abdii eebba qonnaa (jechuun, qarqara Yoordaanos fi Kana'an)

**68:7 "saba kee dura yeroo batetti"**kun"lolaqulqulla'aa dhaaf" ciigo dha. Lolichi mo'icha YHWH ture. Inni saba isaa dura gara lolaatti in deema ture (Abo.4:14,2Sam.5:24). Kun yeroo hundumaa fakkeenya kan ta'u gabatee kakuu Leewoon baatanii loltoota dura deemuu isaanii.

⊡**" Lafa onaa keessa yeroo dabartu"** lafa onaa keessa bara bujunjuruu agarsiisa (Abo. 5:4-5). YHWH Isiraa'elin waan isabarbaachisu hundumaatiin ha'eegu, hageggeessu, in kennaaf ture waggaa afurtama yeroo bujunjuretti, Kana'anitti osoo hingalin, sababa amanu dhabuu isaanif (Ser.Lak.13-14). YHWH yeroo kanattii Waaqayyoof in argama ture, jechuun barsiisonni gara boodaa "yeroo ga'eelaan booda Waaqayyoo fi Isiraa'el" jedhanii kan waaman.

⊡ **"Seelahi"** Faarfannaa 3:2 yaadannoo fi seensa Faarfannaa VII ilaali.

**68:8 "lafti in raafamte"** kun lammaanuuti, fakiiduu argama YHWH (Iyu'el. 2:10, Mat. 27:51) kanaaf akkumma jirutti ibsa argama isaati (Ba'u. 19:16-18, Abo. 5:4-5).

⊡**"Waaqa Siina"** (jechuun, Seera kennuu, Ba'u. 19-20) "Waaqa Isiraa'el irra" wajjin wal cina ta'uusa hubadhu. Barresichi maqaa hedduu "Waaqayyoo" dhaaf fayyadameera (qabiyyee yaada bal'a barrefamicha ilaali, B, 4 irratti). Isiraa'eliif adda kan godhe argama Waaqayyooti (tokkicha YHWH tti amanuu) akkasumas inni mataa isaa mul'isuu isaa gochaan abdii dhaan, fi akka barreefametti mul'achuu isaa (Kakuu Moofaa).

**68:9 "Qabeenyaa kee"** (BDB 635) kan inni agarsiisu

1. saba kakuu isaa (Ser.Kes. 32:9, 1Mot.8:51, Iyu'el. 3:2, Erm. 10:16)
2. biyya Kana'aan (Far.79:1, Er.2:7)

"Biyya lafaa" jechi jedhu (BDB 75, KB 90) faayidaa irra kan oolee guutummaa Biyya lafaatiif (Ba'u 19:5) haa ta'u malee keessumatti Kana'aaniif (Lew. 25:23, Kes.Deb. 32:43, 2Sen.Bar.7:20, Isa.14:2, 25, His. 36:5).Mata duree adda ilaali Faarfannaa 1:2 irratti.

**68:10**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Beeladonni isa keessa bulan"** |
| **NKJV** | **"gamtaan amantootaa kee keessa"** |
| **NRSV** | **"horin kee achi keessatti iddoo bultii argatan"** |
| **TEV** | **"ormoonni iddoo bultii achi godhatan"** |
| **LXX** | **"beeladi kee achi keessa bulan"** |
| **NJB** | **"firoonni kee iddoo bultii argatan"** |
| **JPSOA** | **"gosi kee bakka jireenyaa achi godhatan** |

LXX kana kan hiiku "beeladoonni" kan jedhuu dha, hata'u maleeb FEMININE (BDB 312) hiikii isaa " gamtaa walitti dhufeenyaa" (2Sam. 23:13, 1Sen.Bar. 11:15).

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:11-14

**11 Waaqayyo dubbii isaa hin dhageesisa,**
**Dubartootni warri misirachoo himan sun maca**
**Guddaa turan;**
**12 "Mootonni fi loltoonni in baqatu, isaanoo in baqatu!"**
**Dubartiin manaa boojuu in hirti.**
**13 Yeroo wanti akka qoochota gugee meetiidhaan,**
**Baalleewwan isaaniis warqee bifa margaatiin uffifamanitti**
**Isin immoo karra hoolotaa gidduu in ciiftuu ree?**
**14 Yommuu inni hundumaa danda'u mootota achitti**
**Bittimse, akka waan cabbiin tulluu Zaalmoon irratti bu'e in ta'e.**

**68:11-14** aanguun kun kan akka Lak. 1-4 fi 19-23 ergaa loltummaa qaba. Lakkofsaa 11b fi 12b sababa inni argisiisuu danda'u (1) Iyyaasuun Kana'an mo'uu isaa ykn (2) kan Kana'aan/weerara Isiraa'el, innis mo'icha kan argateedha.

**68:11-12** kunis kan argisiisu oduu mo'ichaa Haafuuraa argamisise. Dubartoonni eraman, isaani oducha kan fidan Lak. 12 irratti galmaa'eera.Mo'icha Loltuutti dubartoonni gammadan, gocha Waaqayyootti dubartoonni ililchan immoo "faarfannaa Maariyaamiin" irratti Ser.Ba'u. 15:20-21 galma'eera.

⊡

**NASB, NKJV** **"mana kan jiraattu"**

**NRSV, TEV,**
**REB** **"dubartoota mana jiraatan"**
**NJB** **"dubartii gaarii mana jirtu"**
**JPSOA** **"haadha manaa"**

MT "bakka dheedichaa" kan jedhu qaba (BDB 627 II) haa ta'u malee hiiki ingilliffaa hundumtuu hundee isaa gara "dubartoota" jijjiireera.

1. Bakka dheedichaa
2. dubartoota– נצוה

**68:13** lakkoofsi kun hubannoo kan argatee karaa hedduu dhaan.

1. Gugee (Lak. 13b-c) maqaa YHWH ti, kan akka *Shaddahi (jechuun, hundumaa kan danda'uu)*– NJB
2. Innis ciigoo kan eerudha, warri tokko tokko gara duulaatti deemuu dhiisuu argisiisuuf (jechuun, 13a, TEV Abo. 5:15-16)
3. Innis Isiraa'el isa mo'e karaa ittiin waabefatee dha
4. Innis kutaa boojuu lolaati (jechuun, kan qabame kan baqe/bocii kan ba'eef fayyaa dha, waaqefannaa Astaaroti wajjin kan walqabachuu danda'uu dha)
5. Akkaata uffannaa ergamoota dubartootaa kan eerudha, laakkoofsa 11 irra kan jiru (Kidner, *Tyndale Commentary,*
Fuul.. 259)
6. Loltuu alabaa lolaa baqatu (IVP *Bible Background Commentary*, Fuul. 538)
7. Gadi dhiifamuu gugeewan kutaa kabaja mo'ichaa ture (F. F. Bruce, *deebii gaaffiiwanii* ,Fuul.23-24)

▣ **"Karra Hoolotaa"** jechi kun (BDB 1046: KB 1637) kan hin baratamnee dha. Hiikisaas Abo. 5:16 irratti dha.Jecha walfakkaatas His. 40:43 irratti argama, "gaanii itti bichesan" kan jedhuun hiikame. Hiiki isaas kan ta'u "abidda itti bilcheesan" ykn "gaanii itti bilcheesan" dha (BDB 1046).

**68:14 "Mootii Waaqa irraa"** qabiyyee barrefama yaada bal'a ilaali, b, 4.

▣
**NASB, NRSV** **"achi"**
**NKJV** **"isaanis"**

MT FEMININE PREPOSITION qaba (BDB 88) innis deebi'ee Lak. 10 wajjin kan walqabatu (jechuun, hawaas YHWH kan inni jiraatu bakka qabeenyi isaa jiru).

▣ **"Salmoon"** kun cina Seekem kan jiruu dha (Abo. 9:48). BDB kan jedhu, inni kan agarsiisu gara ba'a Yoordaasitti kan jiruu Gaara dha. sababa kanaati "Baasaan" maqaan jedhamu Lak. 15 irratti kan jiru.

NJB isa kan inni hiiku akka "Gaara guraacha" kan jedhuun, Akadiyaan jalaa kan ka'e, nama Daawiti isa tokkoffaa, gosa Biiniyaam wajjin kan wal-qabate (2Sam.23:28).

ABD (Fuul. 1039) yaada sadaffaa dhi'eessa, hundee Arbiffa irraa akka dhufe, hiiki isaas "Ifa" ykn "kan calaqisu" kan ta'e.

"gadi bu'uu cabbie" kan jedhuu waabiin immoo rkkoo kan qabuu dha. Innis kan inni agarsiisu

1. Gocha kan Waaqayyoo, yeroo lolaatti, Abbo. 4-5 irratti bokkaa jiru
2. Ibsa fakiduutiin bakka mo'amnee ashaboo facaasuu (Abbo. 9:45)
3. Jechaa fakiiduu tiin loltuu du'an lafee gogan (IDB vol. 4, Fuul. 933)
4. Mo'amuu weerartoota yerooseenqabeesa karaa ittiin waaman
5. "bu'uu cabbie" gochamni jedhu *Hiphil* JUSSIVE kanaf, "Saalmoon"irratti cabbiin haa roobu" (jechuun, malattoo raajii, mo'icha kan Waaqayyoo)
6. Meeshaan lolaa diinaa lafa irratti xiyyaafate, isaan nudhiisanii yeroo baqatan (NASB kan qayyabannaa Macaafa Qulqulluu, Fuul. 806)

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:15-18

**[15]Tulluun Baashaan tulluu Waaqayyoo ti;**
**Tulluun Baashaan roggee baay'ee qaba.**
**[16]Yaa tulloota roggee baay'ee qabdanii,**
**Gara tulluu isa Waaqayyo iddoo buufata isaa**
**Godhachuu fedhee, isa Waaqayyo bara baraan**
**Irra jiraatuu, maaliif ija hinaaffaatiin ilaaltu*?**
**[17]Konkolaattoonni macca Waaqayy kumaatama**
**Baay'ee dha, kumaatama kumaatama irras in caalu;**
**Gooftichi isaaniin tulluu Siinaatii gara iddoo qulqulluu**
**Dhufee, saba isaa gidduu jira.**
**[18]Ati Waaqayyo gooftaan, achi jiraachuudhaaf,**
**Warra booji'aman fudhatee, iddoo ol jedhaa sanatti**
**Baateetta; namoota gidduudhaa, warra mormanii si**
**Irratti ka'an irraa iyyuu kennaa fudhatteetta*.**

**68:15-18** aanguun kun waa'ee gaara Siinaati (gaara Koorebi) kan akka bakka bultii adda Waaqayyoo. Saboonni biroon gaarota kan biroo hinaaafu (Lak. 16).

**68:15**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV,** | |
| **NJB, LXX** | **"gaara Waaqayyoo"** |
| **NRSV, TEV** | **"gaara jabaa"** |
| **JPSOA** | **"gaara surra qabeessa"** |
| **REB** | **"bakka olka'aa"** |

Jechi Ibrootaa Elohim (BDB 43) bifa jabaateen fayidaa irra ooluu dan da'a (Lak.2Yoh. Iyob. 1:16).

Gaarri walfakkaataan kun *"abbaa gaara mataa baay'ee" jedhamee waamama, sarara dubbii ciigoo itti fufudha. Jechi kun (BDB 148, KB 174) as qofatti kan argamu, Kakuu Moofaa irratti. Innis kan jedhu*

1. Baay'ee (jechuun fiixee Gaaraa)
2. Fiixee kibbii (bakka ol ka'aa)

**68:16b, c** yeroo hundumaa bakka jireenyaa dhabbataa YHWH gabatee kakuuti, inni Yerusaalem gaara Moriyaa irra buluu kan dhufe (Ser.Kes. 12:5, Far. 87:1-2, 132:13-14), asitti garuu kan dubbatu waa'ee Seera Ba'uuti. YHWH mataa isaa kan ibsee Gaara Siinaa / Gaara Kooreb irrattti (Ba'u. 19-20), achittis Museef Seera kan kenname, taaboti kakuu osoo hin laatamin dura.

⊡ **"Hinaaffaadhaan ilaalu"** kun fakiiduu namoomsuu kan ta'e kan hinaafan gaara Baasaan. Gochamichi (BDB 952, KB 1280, *Piel* IMPERFECT) as qofatti kan argamu, Kakuu Moofaa. Innis bifa walfakkataan faayidaa irra kan oolee Lal. 14:22 ("riphanii ilaaluu").

**68:17** Fakkeennoon lakkoofsa kan kan eeru Kes. 33:2-5 dha achittis YHWH qulqulloota Ergamoota isa wajjin gaara Siinaa dhufuu isaa kan eeru (Dan. 7:10, Mul' 5:11).

YHWH Gaara Siinaa Isiraa'elii wajjin akka bakka wal-argeetti fayyadama, bakka mul'achuu kakuun itti hojjetame, inni garu gaara Mooriyaa Yerusaalem tti kan filate, akka bakka argamaatti (jechuun, kan Gabatee Kakuu) achi dhabbataatti jiraachuuf (Lak.16).

⊡**"Kan kuma kumabaayyee"**kun qinda'uumma Ibirootaati kan BDB 48 fi 1041. Jechi lammataa as qofatti kan argamu, Kakuu Moofaa irratti. BDB isa "irra deddebi'aa" ykn "kan dacha dacha" kan jedhuun ibsa.Yaada ba'a barrefamchaa tiif wal-cina sagalecha ibsuuf gargaara.

**68:18** haala yaada bal'a barrefamichaatiin kun kan argisiisu Waaqayyoo dha

1. Gara fiixee Gaara Siinaa deemuu
2. Akka fakiiduu loltuutti isa mo'eef kaffalti godhamu

Phaawuuloos lakkofsa kana Efe. 4:8 irrati eereera, haa ta'u malee kan hiika Targum "fudhata" kan jedhu "kenna" kan jedhun jijjira. Kunis kan MT hiika yoo hundeesan jijjira.Peshita qaba

"Namootaaf kennaa kenne, jallooni garuu Waaqayyoo dura hin jiraatan" kan jedhu dhugaatti ta'uu kan danda'u MT tokkummaan, Waaqayyoo kennaa ormootaa fuudhee saba isaaf akka qoqqoodu dha (ilaali Gleason Archer, *Encyclopedia of Bibld Difficulties*, Fuula. 404-405).

Barsiisonni faarfannaa 68 akki isaan itti ilaalan YHWH Seera Gaara Sinaa irratti kennuu isaa wajjin kan walqabateen. Inni "fudhachuu/kennuu" kan hiikan bifa damaqaan Seera Musee akka eeruudha, Phaawulos garuu isa kan ilaalatee Krisoosiin akka jiru jireenya haaraa dha.Inni waldaatti kristaanaa mul'ata haaraadhaan hidhachiiseera (G.B. Kerdi, fakkii qooqa kitaaba qulqulluu, fuula 170).

Akka yaada bal'aa barreefamichaa lak.15-18, lak. 18 kan YHWH "lola qulqulluu" argisiisuutu irra jiraata, achitis dinoonni Israa'eel, lamman isaanii ce'umsa irra kan jiran (jechuun, bojunjuruu lafa honaa) fi mo'icha Kana'aan irratti, mo'amaniiru. Kunis "Eebba Musee" kan eeruu ta'uu danda'a, Kes. 33, kunis amma mo'icha boodaa fi Kana'aan jiraachuu wajjin kan dheerate.

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:19-23

**19 Gooftichi inni guyyuma guyyaatti ba'aa keenya**
**Nuuf baatu, Waaqayyo inni nu oolchu, maqaan**
**Isaa haa eebbifamu*!**
**20 Waaqayyo keenya Waaqayyo isa fayyisuu dha,**
**Waaqayyo gooftaan du'a jalaa baasuufis karaa qaba.**
**21 Waaqayyo garuu mataa diinota isaatii, gubbee**
**Nama akkuma yakketti deddeebi'uus in hurreessa.**
**22 Gooftichi, "ani biyya Baashaanii deebisee isaan nan fida,**
**Ani tuujjuba galaanaa keessaa deebisee isaan nan fida;**
**23 Ati immoo miilla keetiin dhiiga in borcita, arrabni**
**Saroota keetiis dhiiga diinootaa in arrabu" jedhe**

**63:19-23 "Basaan"** Lak. 15 fi 22 irratti eeramuu isaa irraa kan ka'e, giddu galeessa aanguu loltuu ta'uu isaan, lak. 11-14 fi 19-23 walitti dhufeenya qabachuu qaba. Ifa kan ta'e dhugaan jiru.

1. Waaqayyo Israa'eeli wajjin
2. Waaqayyo diina irraa isaan oolcha.

Aanguun kun maqaa Waaqayyoo sadii fayyadama (mat-duree addaa Faru. 1:1 irratti).

1. Adonah, lak. 19, 20, 21
2. Eel, lak. 19b (yeroo lama)
3. YHWH, lak. 20

**68:19 “Yeroo hundumaa ba’aa keenya kan nuuf baatu”** kun kan ibsu

1. Argama dhaabbataa YHWH, Israa’eelii wajjin
2. Fedhii dhaabbataa Israa’eel fayyisaa /fayyina/fayyuu (kan hafuuraa fi/yookaan kan foonii, Faru. 65:5)

YHWHn kan mataa isaa kan baatu dhugaan isaa Faru. 55:22, Isa. 46:4

**68:20-23** lak. Kun xiyyaafannoo kan laatu fayyisuu YHWH irratti, loltuu Israa’eel (muraasi du’aniiru baay’een isaanii oolaniiru). Diinonnii isaanii fiiguu danda’u, garuu jalaa hin ba’an (lak. 22, Amos. 9:1-4).

Lak.23 ciigoo mo’amuu fi qaanii qabateera.

1. Miilli kee dhiigaan haa eejjetu (Faru. 58:10, kan baratamee ciigoo og-barruu Kana’aan, Ba’aalii fi Anaaziin faayiida irra kan oole)
2. Saroonni reeffa loltuu diinaa warra du’anii yaatu (1Mot. 21:19, Erm. 15:3)

**68:21 “Fiixee rifeensaa”** kun namaaf fakkeenya gogaa mataati (Kes. 32:42). Rifeensi dheeraan kakuu moofaatti fakkeenya Waaqayyoof kennamuuti (Lak. 6), asitti garuu dinoota mo’amaniidha, kunis waaqeeffannaa waaqa tolfamaaf kennamuu isaanii argisiisa, YHWH dhaaf beekamtii laachuu didanii.

**68:22 “Baasaan irra”** “Baasaan” maal akka ta’ee beekuuf rakkisaadha (BDB 143, ב–ן ) ta’uu kan danda’u

1. Lak. 15 wajjin kan wal qabatu, akka bakka teessuma lafaatti
2. Kan sirrateבתן , hundee Ugaariit “bofa” innis “gad fageenya galaanaa”wajjin wal cina kan ta’e, tarree itti itti fufuu irratti (NEB, Amos 9:3, achittis wal cina wal fakkaataa jecha Ibirootaa irraa kan godhamee “bofa” wajjin). “gadi fageenya” akkasumas seera ba’uu wajjin wal qabatu, YHWHn gaalicha kan hiree eegduun filatamoo FArihoon kan ittiin liqimfaman (Bau. 15:5, Nah. 9:11)

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:24-27

**24 Yaa Waaqayyo, toora ati ittiin adeemuutti jirtu, toora**
**Waaqayyo koo, mootiin koo gara iddoo qulqulla’aatti**
**Ittiin gala jiru, isaan nan fida;**
**23 Ati immoo miilla keetiin dhiiga in borcita, arrabni saroota**
**Keetis dhiiga diinotaa in arraabu” jedhe.**
**24 Yaa Waaqayyo, toora ati ittiin adeemuutti jirtu, toora**
**Waaqayyo koo, mootiin koo gara iddoo qulqulaa’aatti**
**Ittiin gala jiru, isaan hundinuu arganiiru*.**
**25 Warri faarfataan fula duraan warri mi’a faarfannaa**
**Dhageesisa booddee dhaan, durboon warri dibbee rukutan**
**Boddee dhaan turan.**
**26 Walga’ii keesan hundumaa keessatti maaqaaa**
**Waaqayyoo eebissaa, warri burqituu**
**Isiraa’elkeessaa baatanisi**
**Goofticha jajadhaa!**
**27 Beniyaamin inni isaan keessaa xinnaan toora isaan galche,**
**Gurguddoonni Yihudaa tuuta isaanii keessa, gurguddoonni**
**Zebuloon, gurguddoonni Niftaalemis achi turan.**

**68:24-27** aanguun kun kan inni ibsu gara mana qulqulluummaatti adeemsa hiriira ta’uuti. Gabateen kakuus jiraachuu danda’a, gara lolaatti kan fudhatame, yeroo deebi’uu.

Hiriricha keessa kan eeraman yookaan kan ilaalan namoonni baay'een jiru.

1. Mootiin Israa'eel akka bakka bu'aa YHWHtti, mootii dhugaa
2. Faarfatootni Leewootaa fi taphatootni meeshaa muziqaa
3. Dubbartootni dibbee rukkutaa (Bau. 15:20, Abo. 11:34, erm. 31:4)
4. Gosi kudha sadan kara bakka bu'aa isaaniitin
   a. Biniyaam
   b. Yihuudaa
   c. Zaabiloon
   d. Niftaleem

**68:24**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"arganiiru"** |
| **NRSV** | **"arganiiru"** |
| **TEV** | **"hundumatti argamaniiru"** |
| **NJB** | **"hundumtu akka argan"** |
| **JPSOA** | **"namoonni ilaalan"** |

Gaaffichi eenyuun ilaalataadha. Inni amantoota Israa'eel yookaan saba mormitoota hundumaatii? Aanguun kun kan inni argisiisu Israa'eel yeroo ta'u haa ta'u malee Faarfannichi akka wali galaatti kan inni argisiisu "ormoota" dha (lak. 28-31, 32-35).

▣ **"Adeemsa hiriiraa"** jechichi (BDB 237) as qofatti faayidaa irra ooleef

1. Namoonni Israa'eel gara mana qulqullummaa kan dhufan
2. Kan Waaqaaa gara mana Qulqullummaa yeroo dhufu

▣**"Mootii koo"**kan jalqabaa adda ba'ee kan eerame YHWH dhaaf, akka Mootiitti 1Sam. 8:4-9

▣**"Mana Qulqullummaa"** jechi kun (BDB 871) faayidaa irra kan oole

1. Qulqulluu jedhamee bakka adda ba'aan, argama Waaqayyootiin
2. Godoo bultiif naannoo isaa
3. Mana Qulqullummaa fi bakka naannoo isaa
4. Yeruusaalemii fi bakka ol ka'aa ishee

**68:26 "Waaqayyoon eebbisaa"** kun*Piel* IMPERATIVE. Isiraa'el YHWH galateefachuutuu irra jiraata, waa'ee amala isaatii fi waa'ee gocha isaati!

▣ **"Burqaa Israa'eel"** kun gaalee hin baratamnee dha. Innis waamicha YHWH kan eeru fakkaata, abbootaa fi haadha manaa isaanii dhala hin qabneef ijoollee keenuudhaaf kan eebbise. Qophaa isaa kallattiin yaadamuu kan qabuu kan wal cinaa waabiin argamuu Isa. 48:1 irratti.

**68:27** tilmaama baay'eetu jira, maaliif gosootni muraasni qofti akka eeraman. Yaadamuu kan qabu sadii waan jiran natti fakkata.

1. Isaan abdii biyya lafaa guutuu bakka bu'u
   a. Yihuudaa fi Biniyaam kara Kibbaan (jechuun, Yihuudaa)
   b. Zaabilooni fi Niftaaleem karaa Kaabaan (jechuun, Israa'eel)
2. Isaanis haadha manoota Yaaqoob bakka bu'u (jechuun, burqa gosoota 13)
   a. Raaheel – Binihaam
   b. Liyaa
      (1) Zaabiloon
      (2) Yihuudaa
   c. Baalaa – Niftaaleem
   d. Zelefaa _ ijoolleen eeraman hin jiran

3. Isaan kan bakka bu'an kan gosa xiqqaa irraa gara guddaatti

▣ **"Dargageessicha"** MT "isaan keessaa xinnoon" kan jedhu qaba (BDB 859 I). Kana jechuun kan ta'u
1. Biniyaam mucaa Raa'eel isa xiqqaa dha
2. Gosi xiqaan, haa ta'uu malee mootiin Israa'eel inni jalqabaa, Saa'ool achi irrati kan dhufe

▣

**NASB** **"walitti qabama isaanii"**
**NKJV** **"akka gosa isaaniiti"**
**NRSV** **"qaamaan"**
**TEV** **"akka gosa isaaniitti"**
**NJB** **"uffata ifaa uffatanii"**
**JPSOA** **"kan isaan ajajuu"**

MT ( מתמגר BDB 920), kan jedhu qaba
1. מרג, ",uutukkur naahdaagahd") usseeja naagahd u'adnad nak uusiisgra inni __ רגם BDB מה 920)
2. (029 BDB) aatooman amabaq ittilaw naakooy aagahd aalluut__ רגמה
3. רג–(129 BDB) atooman amabaq ittilaw ה

NJB jechicha ni sirreessa (1) gara ,מתמקרב"kan bareeche hojii harkaa" (BDB 140) yookaan (2) "abbaa halluu baayee" רהמק (Faru. 45:13b _ 14atti). Pirojecti barreefama UBS (fuuls 293) "walitti qabama namootaa" sadarkaa "B" kenna (shakkii gadi aanaa), kun garuu waa'ee hundee isaatiif adda kan ta'e miti (jechuun, lak. 2 yookaan lak. 3).

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:28-31

**28 Yaa Waaqayyo, aangoo kee inni ati nuuf jettee**
**Hojii irra oolchite ituma haa jaabatu!**
**29 Sababii mana qulqullummaa kee isa Yerusaalem**
**Keessaa gara olii jiruuf, mootonni kennaa siif in fidu*.**
**30 Saba akka bineensaa jajjabatti galu kana, tuuta**
**Korommii sabaa, warra akka jabbii wajjin ifadhu!**
**Warra meetiidhaan gabbarsiisan, saba lolatti gammadus bitimsi*!**
**31 Sooressonni biyya Gibxiitti in dhufu. Itoophiyaan ariifattee**
**Harka ishee gara Waaqayyootti in hiixatti*!**

**68:28-31** aanguun kun xiqqoo kan inni ittiin wal fakkaatu YHWHn Gibxii mo'uu isaa wajjin. Innis seera ba'uu yookaan booda irratti weerara loltuu ta'uu isaa kan hin mirkanoofnee dha.

Ta'us, mo'uu isaatiin kennaa aja'ibsiisaa YHWH waaqeessuudhaaf gara Yerusaalem dhufeera (Lak. 31, Isa. 19:19-22, 45:14).Kun xiyyaafannoo walii galaati (lak. 32-35) Faru. 65-68 kan wal qabsiisu.

**68:28** Humna/jabina (BDB 738) Waaqayyoo dha, innis saba isaatiif jedhee hojii irra oolche, ormoota gara ofii isaati booji'uudhaaf.

**68:29**
**NASB, NKJV,**
**NRSV** **"sababi isaa "**

**TEV, NJB,**
**JPSOA** **"irraa"**
**LXX** **"bu'aa isaatiinis"**
**NET kitaaba qulqulluun** **"yeroo baatu"**

MT waliinga qaba**,** isas karaa baay'eedhaan hubachuun kan danda'amu. Innis lak. 1 irraa kan eeru fakkaata, achittis YHWHn gochaaf yeroo ka'u, gareen Israa'eel lolaaf.

**68:30 "Hifadhu"** kun*Qal* IMPERATIVE (BDB 172, KB 199). Jechi kun faayida irra kan oole Waaqayyo ormoota irratti faraduu isaatiin Faru. 9:5 Isa. 17:13. Asitti faayiidaa irra kan oole Gibxiidhaaf fakkaata (His. 29:3, 32:2, Isa. 27:1) ta'a. Ishee fi gara kibbaatti ormoota jiran (jechuun, Itiyoophiyaa/Kuush) lammanuu adda ba'aani waamamaniiru, lak.31 irratti.

Macaafa Kakuu Haaraa (Fuul. 934) isa kan hiiku "iyya lolaa" kan jedhuun.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"miilla jalatti dhidhiituu"** |
| **NKJV** | **" hunduma hamma bitutti"** |
| **TEV** | **"hundumtuu hamma jilbeenfataniti"** |
| **NJB** | **"kan sagadan"** |
| **JPSOA** | **"hamma bitamanitti"** |

MT "dhidhituu" "irra ejechuu" "miillaan dhidhiituu/irraa ejechuun balleesssuu" kan jedhu qaba (BDB 952, KB 1279, Fak. 25:26).Hundee wal-fakkaata (bifa IMPERATIVE" hiiki isaa "mata ofii gadi qabuu" dha.Hiiki lammanuu His. 32:2 ykn 34:18 eera, achittis gochama wal-fakkaataa saliphina gibxii tiif faayidaa irra kan oole.

▣ **"Caccabaa birrii"** irra deebiin jecha hin baratamne yookaan hiikaawwan ingilliffaa bareefama badan sirrii akka hin taane isaan godheera.

"caccabbaa," jechi jedhu רץ, kunis BDB kan jedhu "Cittuu" yookaan "rog-arfee" hiika qabaata).

Isa gara בצרfooyyeessuun ni danda'ama (BDBD 131 I), hiikni isaa "dhagaa gatii jabeessa" (Iyoob,. 22:24, NIDOTTE, jildii 1 fuula 699-700), "Warqee" ta'a. akkas yoo ta'ee, egaa aanguun dubbii dacha sarara (lak. 30c) ta'uu kan danda'u "Warqeedhaafi birrii wajjiin sgaduu" dha (jechuun, kennaa YHWH tiif).

**68:31**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, REB, LXX** | **"ergamaan mootummaa Gibxii irraa ni dhufu"** |
| **NRSV** | **"naasiin Gibxi irraa ni dhufa"** |
| **TEV** | **"ambasadarii Gibxi irraa ni dhufu"** |
| **NJB** | **"ergamaan mootummaa Gibxii irraa ni dhufu"** |
| **JPSOA** | **"kennaa kan qabatan Gibxi irraa dhufu"** |

Pirojektii barreefamaa UBS (fuula 297) "wantoota meeshaa naasii" (BDB 365) sadarka "B" laata (shakkii gad aanaa). Innis as qofatti kan argamu, kakuu moofaa irratti. Hiiki kan biroon warabiin durii kan itti aanaanii jiran yaada bal'aa barsiisootaati.

Lak.30c fi lak. 31a, b ilaaliuun ni danda'ama, gara Waaqayyootti akka kennaa dhufeetti, saba Kaaba Afrikaa (JPSOE).

1. Warqee
2. Birrii
3. Naasii

▣ **"Harka ishee ariitiidhaan ni diriirsiti"** kun yaadannoo isa duraa hubachuudhaa wajjin wal sima "Fiiguu" gochama jedhu fooyyeessuun barbaachiisaa miti (BDB 930, KB 1207, *Hiphil* IMPERFECT) gara "diriirsuu" (NEB) MT ciigoo dhugaa al fakkaataa waan ta'eef.

## MACAAFA FAARFANNAA : 68:32-35

**32 Isin mootummoonni lafaa,  Waaqayyoof weeddisaa,**
**Goofticha faarfannaadhaan jajadhaa!**
**33 Isa bantiiwwan waaqaa irra, bantiwwan waaqaa**
**Warra duruu durii keessa adeemu faarfadhaa!**
**Kunoo, inni sagalee isaa, sagalee qaqawwee isaa**
**Isa aango-qabeessa in dhageessisa*.**
**34 Aangoo Waaqayyoo isa surraan isaa Israa'el irra,**
**Jabinni isaas waaqa keessa jiru jajadhaa!**
**35 Waaqayyo, sodaatamaa fi dinqisiisaa ta'uun isaa,**
**Mana qulqullummaa isaa irraa in argama;**
**Inni Waaqayyo isa kan Israa'el, inni humnaa fi jabina**
**Saba isaatiif in kenna; maqaan isaa Waaqayyoo haa eebbifamu!**

**68:32-35** aanguun kun kan inni jabeessu waaqeffannaa wali gala YHWH ti, Yerusaalemitti, lak. 31 irrratti kan eerame.
IMPERATIVES hubadhu
1. Waaqayyoon faarfadhaa – BDB 1010, KB 1479, Qal IMPERATIVE
2. galata gooftaatiif faarfadha – BDB 274, KB 273, Piel IMPERATIVE
3. humna gooftaadhaaf kennaa  – BDB 678, KB 733, Qal IMPERATIVE, Faru. 29:1-2; 1 Sen. 16:28-29

YHWHn kan ibsamee akka
1. Ifa samii irratti ba'ee (jechuun, duumessa bakakkaa"
2. Innis fuulaa fuulatti sagalee jabaan dubbata (jechuun, bakakkaa, Isa. 30:30, Mul. 11:19, 14:2, 16:17-18)
3. Ulfinni isaa Isra'eel irratti
4. Jabinni isaa samii irratti
5. Mana qulqullummaa isaa keessaa ajaa'ibsiisaa dha
6. Saba isaatii fi humnaa fi jabina kenna
7. Isaaniis Waaqayyo ni galateeffamaa

**68:33 a** fakkeenyi isaa gara duubaatti deebi'ee gara Kes.33:26 fi Faru. 18:10 ni eera, akkasumas lak. 4b ilaali. "

"Waaqa waaqa irraa" duumessa lafa irraa ibsa (lak. 34:6), bakka jireenya Waaqayyo osoo hin taane.

Sagaleen isaa jabaan waabii uumamaatiin jecha haasaatiin, Uuma.1 irrati.

**68:35 "Ajaa'ibsiisaa"**  ibsi kun deebi'ee gara Kes. 7:21, 10:17 deema, akkasumsa Faru.47:2 fi 66: 5 yaadannoo ilaali. Innis kan argisiisu amala qulqulla'aa YHWH ti, akkasumsa gocha kakuu fayyisuu isaa.

▣ **"Saba isaatii fi humnaa fi jabina laata"**  kun waabii biraa ta'uu danda'a
1. Seera ba'uu
2. Bujunjiruu lafa honaa
3. Mo'icha Kana'aan
4. Argama isaa itti fufeenya qabu, Israa'eeli wajjin

# FAARFANNAA 69

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waawwata yeroo rakkinaa fi diinota irratti qoqqobbii.<br>Seensa MT kan qabu Angafa faarffattootaaf meeshaa ribuu qabuun wa'ee Shoshoniim faarsaa. | Yeroo rakkinaa kadhata ariifachiisaa | Diinota dhuunfaa irraa oolfamuuf kadhata oolfamuu | Gargaarsaaf iyyata | Waawwannaa |
| 69:1-4 | 69:1-3 | 69:1-3 | 69:1-3 | 69:1 |
| | | | | 69:2 |
| | | | | 69:3 |
| | 69:4 | 69:4 | 69:4 | 68:4 |
| 69:5-12 | 69:5-12 | 69:5 | 69:5-8 | 69:5 |
| | | 69:6-8 | | 69:6a-b |
| | | | | 69:6 c-d |
| | | | | 69:7-9 |
| | | 69:9-12 | 69:9-12 | |
| | | | | 69:10-12 |
| 69:13-15 | 69:13-15 | 69:13-15 | 69:13-15 | 69:13 |
| | | | | 69:14-15 |
| 69:16-19 | 69:16-18 | 69:16-18 | 69:16-18 | 69:16-18 |
| | 69:19-21 | 69:19-21 | 69:19-21 | 69:19-20 |
| 69:20-21 | | | | |
| | | | | 69:21-23 |
| 69:22-28 | 69:22-28 | 69:22-29 | 69:22-28 | |
| | | | | 69:24-26 |
| 69:29-33 | 69:29-33 | | 69:29-33 | |
| | | | | 69:27-28 |
| | | | | 69:29-31 |
| | | 69:30-33 | | 69:32-34 |
| 69:34-36 | 69:34-36 | | 69:34-36 | 69:35-36 |
| | | 69:34-36 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..F

## AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA

**A.** Faarfannichi baay'ee kan irra deddeebi'uu maqaa Waaqayyoo fayyadama.

1. Eelohiim (jechuun, uumuu kan Waaqayyootiin, deggeeruu, fi kennuu irratti maqaa xiyyaafatee dha, biyya lafaa kana irratti jireenya kan qabu hundumaaf) lak. 1, 6, 13, 29, 30, 32, 35 (akkasumas bifa addaa lak. 3 irratti "Waaqa" [Eeloohi] fi lak. 6 "Waaqa" [Elohi] kan Israa'eel"
2. YHWH (jechuun, fayyisuu kan Waaqayyoo, oolchuu, kakuu kan hundeesse maqaa Waaqummaa irratti xiyyaafatee dha
   a. Waaqa macaa (mata-duree addaa ilaali Faru. 1:1 irratti) lak. 6
   b. YHWH, lak. 13, 16, 31, 33

**B.** Faarfattichi jireenya irraa, maatii irraa, fi firoota irraa adda akka ba'ee itti dhaga'ama (lak. 8) Waaqayyo irratti amantii qaba (lak. 9).

Yesus faarfannaa kana itti fayyadameera, miira adda baafamu kan mataa isaa ibsuudhaaf, firoota isaa Yihudootaan. Garagarummaa isaa faarfattichi jechaa fi firdiidhaan yeroo fedhu (Faru. 69:22-28), Yesus garuu rakkina kan isa argisiisaaniif kan inni argisiise araara isaaniif kadhachuu, walaalummaa isaanii irratti hundaa'ee (Luq. 23:34).

**C.** Faarfannaan kun kadhaa baay'ee qaba, tokko tokkoo IMPERATIVES yeroo ibsuu akkasumas warri tokko tokko IMPERFECTS ibsameera bifa JUSSIVE faayida irra kan oole (lak. 6 yaadannoo ilaali)

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### MACAAFA FAARFANNAA : 69:1-4

**1 Ati ana oolchi, yaa Waaqayyo! Bishaan morma na ga'e;**
**2 Anidhaqdhaqii keessatti nan liqimfame, miilli koos**
**Waan irra dhaabatu in dhabe; bishaan gad fagoo**
**Keessa nan lixe, humni bishaanii na fudhatee sokke.**
**3 Amma immoo wawwaachuu iyyuu nan dadhabe,**
**Lagaanis na babbaqaqe; ija qisee Waaqayyoon**
**Eeggachuu irraa kan ka'es, iji koo arguu dadhabe;**
**4 Warri sababii malee ana jibban, rifeensa mataa kootii**
**Irra in baay'atu; diinonni koo warri sobduun warri**
**Ana balleessuu barbaadan, baay'ee dha,**
**Wanta ani hin saamin "Iddoo isaatti deebisi!" naan jedhu***

**69:1-4** aanguun kun kadhaa oolchuuti (BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVE) fakiiduu rakkinaa heedduu fayyadameera.

1. Bishaanni amma lubbuu kootiiti na ga'eera (lak.2b, Faru. 32:6)
2. Ani dhadhaqii keessatati liqimfame (Faru. 40:2)
3. Ejjetas hin qabu (BDB 765, as qofatti kakuu moofaa irratti, simboo wajjin wal fakkaataa kan ta'e faru. 40:2)

Innis kadhata kanaa lak. 14-15 irratti irra deebi'a. Yihudoonni bakka gar-tokkoo gogaa ta'ee dha kan isaan jiraatan, akkasumas bishaan in sodaatu. Solomoon iyyuu bishaan irra akka hojjetan kan inni

godhee warra Fiinqeeti malee Yihudoota miti. Filisxeemii lolaa baay’ee hamaataadhaan kan beekame ture, yeroo gannaati.

**61:1 “Lubbuu”** kun akkuma jiruutti neefish (BDB 65:9). Faarfannaa 3:2 irratti kan jiru yaadannoo ilaali. Asitti kan inni eeru “morma” dha, akkas yoo ta’e aruu, kun kan hin baratamnee dha (Yoonaas 2:5 ilaaluun ni danda’ama).

**69:2-3** Fakkeenyi dhiibbaan wal jijjiruu mul’achuu danda’a, bishaan baay’ee lak. 2 irratti fi afaan qoonqoo gogaa lak. 3 gidduutti ( BDB 359, jechichi iddoo kana qofatti kakuu moofaa irratti, NIDOTTEE, jildii 2 fuula 295). Bishaanii fakkeenya jabaa dha.

1. Bishaan uumamaa
2. Lolaa
3. Barbaachiisaa bokkaa waggaa

4.Imimaan
5.jireenyaa fi fayyaadhaaf barbaachiisa

**69:3-4** lakkoofsa 3 qooqa fakidutii, gaddaa fi bo’icha kan ibsu, faarfatichi mataa isaa haala keessatti arge (Lak. 10-11), haali sun Lak, 4 irratti ibsameera,

1. Namoonni baay’een (jechuun, namoota isaa) sababa malee jibban (Yoh. 15:25)
2. Isaanis ballessuu dhaaf/ajjeesuu dhaaf barbaadan
3. Isaan namoota jaboo dha (Lak. 12)

Faarfatichi kan cimsa sababa malee jibba isaanii tiif lola (Lak. 4). Innis qulqullummaa kan akka argisiisuutti fayyadameera, naannoo hundummaatti, kakuu Musee wajjin kan wal-qabate. Inni cubbuu kan hin qabne akka ta’e hin ibsu (Lak. 5). Mata duree ilaali Far. 18:20-24 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:5-12

**5 Yaa Waaqayyo, ati gowwummaa koo in beekta,**
**Wanti ani balleesses tokko illee si duraa hin dhokanne.**
**6 Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa, warri si abdatan**
**Sababii koof jedhanii hin yeellasifamin! Yaa Waaqayyo**
**Isa kan Israa’el, warri si barbaadan sababii koof**
**Jedhanii hin qaaneffamin!**
**7 Ani siif jedhee arrabsoo baadheera, yeellonis ana irra buufaneera*,**
**8 Ani obboloota kootti orma, haadha koottis alagaa nan ta’e*.**
**9 Mana keetiif hinaafuun na gube, arrabsoon ittiin si arabsaniis**
**Ana irra bu’e;**
**10 Soomuun koo lubbuu koos dhiphisuun koo**
**Arrabsoodhaaf anaaf ta’e**
**11 Uffata gaddaa nan uffadhe isaaniif garuu nama**
**Mammaksaa nan ta’e.**
**12 Warri karaa mandarichaa dura ta’aan waa’ee koo in dubbatu,**
**Warri machooftuunis waa’ee koo in weeddisu.***

**69:5-12**aanguun kun kan ibsuu kan haala amantoota hundumaati. Cubbbamaa ta’uu keenya in beekna (lak. 5) haa ta’u malee jireenya gaarii jiraachuuf in barbaanna (Lak. 9a).haala dhiibbaa kana irraa faarfatichi gaafillee hedduu qaba.

1. Abdii kan si godhatan (jechuun, kan si amanatan) sababa kootiif hin qaana’in
2. Kan si barbaadan sababa kootiif hin salphatin

Faarfataan kun ifatti kan inni mirkaneessu rakkina isaa kan uume amantaa YHWH irratti qabu ta'uu isaa (lak. 7-9). Kunis kallatti faarfannaa isaa raawwatee waabii Yesus kan godhate (Yoha. 2:17). Dabalataanis Phaawulos Rom. 15:3 irratti jijjirama kallatti itti dabaleera (Isaayaas 53, Maariqos 10:45) Yesusiif lak.9b irratti.

**69:5 "Cubbuun koo si duraa hin dhokkane"** Faru.44:21 irratti yaadannoo ilaali.

**69:6 "Miti"…"** kun isa jalqabaati, IMPERFECTS duraa fi aantee, JUSSIVE faayidaa irra kan oolan. Faarfannaan kun baay'ee kan akka kanaa qabu.

1. Hin qaana'iin … lak. 6 – BDB 101, KB 116, Qal IMPERFECT
2. Hin salphatiin… 6 – BDB 483, KB 480, Niphal IMPERFECT
3. Na hin gilgiin..lak. 15 – BDB 1009, KB 1474, Qal IMPERFECT
4. na hin liqimsiin…. 15 – BDB 118, KB 134, Qal IMPERFECT
5. Ana irratti afaan hin cufatin…lak. 15 – BDB 32, KB 37, Qal IMPERFECT
6. Hirbaati isaanii...gufuu itti ha ta'u lak. 22a – BDB 224, KB 243, Qal JUSSIVE
7. Hiyyoo itti haa ta'u lak. . 22b – lak.6 irraa akka ta'e yaadama
8. Iji isaanii akka hin ilaaleetti ha dukkaneefamu, lak. 23 – BDB 364, KB 361, Qal IMPERFECT
9. Dheekamsa kee isaan irratti dhangalaasi lak. 23 – BDB 673, KB 727, Hiphil IMPERFECT
10. Iddoon bultii isaanii lafa honaa haa ta'u lak. 25 – BDB 224, KB 243, Qal JUSSIVE
11. Godoo isaanii keessa kan jiraatu hin argamin lak. 25, – lak. 10 wajjin kan wal fakkaatu
12. Tola keetiin hin galin lak. 27 – BDB 97, KB 112, Qal IMPERFECT
13. Kitaaba warra jiraatoo irraa haa haqaman lak. . 28 – BDB 562, KB567, Niphal IMPERFECT
14. Qulquullootaa wajjin hin barreefamin lak. 28 – BDB 507, KB 503, Niphal IMPERFECT
15. Qorichi fuula kee naa haa simatu lak. 29 – BDB 960, KB 1305, Piel IMPERFECT (bifa sirriidhaan faayiida irra kan oole)
16. Samii fi waaqni ni galateefatu lak. 34 – BDB 237, KB 248, Piel IMPERFECT (bifa siriidhaan faayidaa irra kan oole)

Isaan kun hundumtuu (lak. 15 fi 16 irraa kan hafee) kadhata faarfattichaa kan ibsanii dha, Waaqayyoodhaaf, dinoota isaa irratti akka ka'u. kun qaama faarfannaa isaati, Yesus irraa fayyadama faarfannaa kana irratti kan hin qabne, fannoo irratti.

**69:10-11** gochi kadhata faarfattichaa fi mataa isaa gadi of qabuu "kan kolfaa" (BDB 357), "irratti dubbachuu" (BDB 605) ta'e, dinoota isaa jaboo (jechuun, "balbala irra kan taa'aan," lak. 12a), akkasumas daadhii wayinii kan dhugan (lak. 12b).

▣ **"Soomuu… uffata gaddaa uffachuu"** mata-duree addaa ilaali: seerri gaddaa, Faru. 30:11 irratti.

Lak.3-12 dhiibbaa namoota gidduu jiru hubadhu.

1. Waaqayyoon kan sodaatuu fi barreessan tajaajilu kadhataan, soomaan, fi tajaajilaan
2. Kan hin sodaannee ala irratti (jechuun, bakka bulchiinsaa) isaanis kennamuu isaa kan xiqeessan, sirba machooftuu kan sirban.

## MACAAFA FAARFANNAA 69:13-15

13 **Ani garuu yaa Waaqayyo, yeroo si birratti**
**Fudhatamaa ta'eetti, kadhata koo sittin dhi'eefadha;**

**Yaa Waqaayyo, akka gaarummaa kee isa guddatti**
**Gargaarsa kee isa amanamaadhaan anaaf deebisi*!**
**14 Ani akka hin liqimfamneetti dhoqee keessaa na baasi,**
**Warra na jibban jalaa, bishaan gadi fagoo keessas**
**Akkan ba'u godhi!**
**15 Humni bishaanii na fudhatee hin sokkin, tujubni ana**
**Hin nyaatin! Boolli na liqimsee afaan isaa ana irratti**
**Hin cufamiin!**

**69:13-15** faarfatichi kadha isaa itti fufa. Kan inni ibsus

1. YHWH dhaaaf
2. Yeroo mijataa tti

Faarfatichi YHWH irratti amanaannaa qabu, rakin gidduu illee ta'ee akkasumas yeroo ta'utti akka deebisuuf akka fayyisu beekuu hubadhu (Faru. 32:6, Isa. 49:8, 2Qor. 6:2).Yeroo barbaachiisaan jira (Lal. 3:1-8).

Faarfattichi ni amanita, YHWH irratti

1. Arjummaa (mata-duree addaa ilaali Faru. 5:7 irratti), lak. 13b
2. Amanamummaa (mata0duree addaa ilaali Faru. 12:1 irratti), lak. 13c

IMPERATIVES lamaanuu hubadhu.

1. Na dhaga'I – BDB 722, KB 851, *Qal* IMPERATIVE, lak.13c
2. Na oolchi – BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE, lak. 14a

Lak. 14-15tti kan inni ibsuu faarfattichimaal irraa akka oolu barbaaduu isaati.

1. Akkan liqimfamuuf na hin dhiisiin (lak. 1-2). Barreefama jechaa adda addaa qaba
   a. Furtuun ibsa kakuu moofaa, Johon awunsiin, *Qal* IMPERATIVE achitti kan ittiin ibsan (fuula. 374)
   b. Qajeelfama toora galuujecha kakuu moofaa isa kan inni ibsu Bankis fi Ismiz, isa kan inni eeru *Qal* COHORTATIVE (fuula 439)
2. Akka fayyuuf. Jecha toora gale adda adda qaba
   a. furtuu xiinxalu– Niphal IMPERFECT (p. 374)
   b. qajeelfama ta'umsa jechaa– Niphal COHORTATIVE (p. 439)

Faarfatichi mormituu isaa akka "diina isaatti" fi "bishaan gadi fagoo" godhee isaan ibsa. (Lak. 14b). Lakkoofsi 14 fi 15 fakennoo walfakkaataa in fayyadamu, kan akka lak. 1-2 (Faru. 124:4-5, Isa. 43:2).

**69:15c "Gadi fagoo"** mata-duree addaa ilaali: warri du'an eessa jiru? Faru. 1:6 irratti, keessumatti si'ool warri du'an bakka isaan turan, inis yeroo hundumaa "boola gadi fagoo" wajjin wal cina kan ta'e (Lak. 16:33, Faru. 28:1, 88:3-4, Fak. 1:12). Innis kan eeru hawaalcha (Faru. 141:7).

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:16-19

**16 Arjummaa kee isa gaariidhaan, deebii anaaf deebbisi,**
**Yaa Waaqayyo! Gara laafummaa kee isa baay'eedhaanis na ilaali!**
**17 Fuula kee garbicha kee duraa hin dhoksin;**
**Ani rakkina keessa waanan jiruuf, ariifadhuu**
**Deebii anaaf kenni!**
**18 Anatti dhi'aadhuu na furi, dhiibbii dinoota kootiif**
**Jedhii na oolchi!**

[19]**Arabsamuu koo, yeelasifamuu koo, salphifamuu**
**Kos ati in beekta; warri ana cunqursan hundinuu si dura jiru,**

**69:16-19** aanguun kun amala kan godhate xiyyaafannoo kadhata garaa irraati.

1. Na dhaga'i lak. 16 – BDB 772 I, KB 851, Qal IMPERATIVE
2. Gara koo ilaali, lak. 16 – BDB 815, KB 937, Qal IMPERATIVE (cf. Ps. 27:9; 102:2; 143:7) 538
3. Ariifadhuu (jerjeri), lak. 17 – BDB 554, KB 553, Piel IMPERATIVE
4. Na dhaga'ii lak. 17 – kan akka lak. 1 wal fakkataa
5. Gara kooti dhi'aadhu lak. 18 – BDB 897, KB 1132, Qal IMPERATIVE
6. Na oolchi lak. 18 – BDB 145 I, KB 165, Qal IMPERATIVE
7. Na fayyisi, lak. 18 – BDB 804, KB 911, Qal IMPERATIVE (mata-duree addaa: na oolchi/na fayyisi faru. 19:14 irratti)

Hundee gaaffii kadhata kanaa hubadhu

1. Arjummaa YHWH (338) gaarii dha, lak. 16
2. Gara laafummaa guddaa YHWH ("araara,"BDB 933), lak. 16
3. YHWH haala faarfattichaa ni beeka, lak. 19
   a. Laphee faarfattichaa
   b. Laphee warra isa dhiphisanii

**69:17 "Garbichi kee"** kun ta'uu kan danda'u

1. Geggeessaa addaa, kan akka Musee, Iyyaassuu
2. Daawiit yookaan kan isaa sanyii mootii kan eeruu (jechuun, Masihiin bakka gahe)
3. Walaloo Masihichaa Isa. 40-45 tajaajila adda ta'e
4. Amanaa kakuu maqaa baratame (lak. 39)

**69:19** Hiiki ingilliffaa baay'een lak. 19 kan isaan argisiisan lak. 20-21 wajjiin akka deemuu dha.
Ilaalcha jireenya warra bahaa hubadhu, innis isa tokkoof maqaa gaarii xiyyaafannoo kan laatu

1. Itti qoosuu__ BDB 357 lak.20
2. Qaanii __ BDB 102
3. Salphina __ BDB 487

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:20-21

[20]**Arrabsoon garaa koo na rukkuteera, anis miidhameera;**
**Namni anaaf ho'a jedheen abdadhe garuu nan dhabe,**
**Na jajjabeessu jedhes nan eeggadhe, garuu hin arganne,**
[21]**Hadhaa akkan nyaadhuuf anaaf kennan, dhugaati**
**Dhangagaa'aees dheebuuf akkan dhuguuf anatti hiixatan*.**

**69:20-21** jecha warra Ibirootaa "hadhooftuu" (lak. 21) "Summii" dha (BDB 912 II), haa ta'uu malee wayinii bade argisiisuu danda'a (Kes. 32:32) LXX dha gara "hadhooftuu" "hadhaa'aa" kan jijjiree "magariisa __ Chooli). Akkaataa haala yaada barreefamichaatti "summii" fi "dhangaga'aa" kan argisiisan arabsoo diina faarfatichaati (jechuun, hirmaatoota kakuu, hiriyaa dhi'oo fi maatii, lak. 8).

Aanguun kun Matt. 27:34 irratti eerameera, fannoo Yesus irratti kan xumurame. Lak. 21b Mar. 15:23, Luq. 23:36, Yoha. 19:28-30 irratti eerameera. Faarfannaan kuni fi faarfannaan 22 lamman isaanii waabii kakuu moofaatiif luqisii dha, hojiin fannoo Yesus kakuu haaraa irratti faayidaa irra kan oolan.

Faarfannaan kun raajii miti ramaddii qoqqodiinsaati malee. Faarfannaa 22 irratti yaadannoo ilaali.Lak. 22-28 ejjennoo Yesus yookaan jechoota fannoo isaa wajjin kan wal siman miti.

**69:20 "Baay'ee na dhukkubeera"** gochamimi kun (BDB 633, KB 683) as qofatti kan argamu, kakuu moofaa irratti. BDB kan jedhuu "Dhukkubsachuu" dha, KBn garuu kan jedhu "kan hin fayyine" dha, (NRSV, TEV, JPSOA). "dhukkubsachuu" yoo ta'e, egaa Lak. 29 wal-cina dha.

**69:21 "Dhangagga'aa"** jechi kun (BDB 330) kan argisiisuu wayinii rakasa dha (lak. 6:3). Mata-duree addaa ilaali: alkoolii fi alkoolummaa kan qabu kan qabu Faru. 4:7 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:22-28

**22 Budeenni maaddii isaanii irraa isaan ha qabu, warri**
**Nagaadhaan walii wajjin ta'aaniis kiyyootti ha galan !**
**23 Akka isaan hin argineeti iji isaanii haa jaamu;**
**Yeroo hundumaa mudhiin isaanii akka hin jabaanne godhi*!**
**24 Dheekamsa kee isaan irratti roobsi, aariin kee inni**
**Bobaa'aanis isaan haa qaqabu!**
**25 Buufatni isaanii haa honu, godoo**
**Isaanii keessas namni hin jiraatiin*!**
**26 Isanoo isa ati reebde hin ari'atu, waa'ee**
**Dhiphina maddichaa isaa ati madeessitees in haasa'u.**
**27 Yakka isaanii yakka irratti akka dabalataniif isaan dhiisi.**
**Gara qajeelummaa keeti isaan hin fidin!**
**28 Macaafa warri jiraatoon itti caafaman keessaa maqaan**
**Isaanii haa balleefamu, isaan warra qajeelootaa wajjin hin caafamin*!**

**69:22-28** aanguun kun kan inni ibsu faarfattichi YHWH gaaffii inni gaaffatuu dha, diina isaa irratti waan godhuuf jiru. Lak. 6 irratti yaadannoo jiru ilaali (IMPERFECTS JUSSIVES faayida irra kan oole) isaanis

1. JUSSIVES sadii
2. IMPERFECTS shan JUSSIVE faayiida irra kan oole
3. IMPERATIVES lama
    a. dugda isaanii yeroo hundumaa gugufsisi – BDB 588, KB 609, Hiphil IMPERATIVE (kun lak. 29b faallaa dubbii dachaati)
    b. Dheekamsa kee isaan irratti dhangalaasi – BDB 1049, KB 1629, Qal IMPERATIVE

**69:22** Lakkoofsi kun Rom. 11:9-10 irratti eerameera, innis Israa'eel hin amanne kan argisiisuu dha.

Lak.25 HoE. 1:20 irratti eerameera, waa'ee "lafa dhiigaa" lubootaan kan bitan, horii lubummaa Yihudaatiin.

Lak. 27a Rom. 1:28 irratti kan eerame ta'a, innis mucaa namaa hundumaa cubbamaa ta'uu isaanii kan eeru (Rom. 3:9-18, 23).

⊡
**NASB** **"nagaa yeroo ta'aniiti"**
**NKJV** **"yeroo nageenya isaaniiti"**
**TEV** **"ayyaana qulqullaa'a"**
**NJB** **"eebba isaaniiti"**
**REB** **"nagaati akka jiran yeroo itti dhaga'amu"**

MT "nageenya" qaba (BDB 1022) Targusiin Arabiffaa garuu "ayaana aarsaa" kan jedhu qaba (NRSV, TEV). NRSV gara "firummaa isaaniitiif kiyyoo" gara jedhutti jijjira, (JPSOA) Far. 55:20 irratti cigoo fudhachuun (jechuun, firoota dhi'oo).

**69:25** kanfakkenya yeroo lafa onaa kssa bujunjuruu ta'ee dha.

**69:26** lakkoofsi kun kan inni calaqisiisu Isa. 53:4 fi 10 (2Qor. 5:21 dha).

Bifi gochamichaa (BDB 319, KB 3:20, *Poal* PARTICIPLE). Gochamichi "kan rukkatame" kan jedhu (BDB 645, KB 697, *Hophal*PARTICIPLE) akkasumas Isa.53:4 irratti umama.

Lak. 21 fi 26dhugumattibarreesitootni wangeelaa walitti dhufeenya akka ilaalaniif sababa ta'eeraaf!

**69:28** faayiidaa (baha dhihoo durii) maqaan magaalaa lammii macaafa maramaa irratti galmeefama ture.Kitaabni qulqulluunis fakkeennoo kana in fayyadama, beekumsa Waaqayyo callaqisiisuuf. Mata-duree addaa ilaali: kitaabni lammaan Faru. 9:5 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:29-33

**29 Ani garuu gadadamaadha, dhiphatadhas,**
**Gargaarsii kee ana ol haa qabu yaa Waaqayyo,**
**30 Weedduudhan maqaa Waaqayyoo nan jajjadha,**
**Galataanis guddina isaa nan hima.**
**31 Kun korma yookiis tuntunoo isa gaanfaa fi**
**Kottee qabu dhi'eessuu caalaa Waaqayyootti in tola*!**
**32 Warri gadi qabaman kana arganii haa gammadan,**
**Isin warri Waaqayyoon barbaadattan, garaan keessan**
**Haa bayyaanatu*!**
**33 Waaqayyo warra dhabaniif in dhaga'a, saba isaa**
**Warra hidhamanis hin tuffatu*!**

**69:29-33** aanguun kun kan ibsu kan oole faarfattichi kan inni godhee dha, fayyisuu YHWH ol kaasee fayyinaan maqaa Waaqayyoo waan teessiseef.

1. Maqaa Waaqayyoo faarfannaadhaan nan galateeffadha
2. Galataan olaan qaba

Kun kan argisiisu yoomessa mana qulqulluummaati, lak. 33 irratti akka jiru (aarsaa). Lak, 9 immoo waabii mana qulqullummaati (jechuun, mana kee) fi "akka abidda aarsaatti kan nyaatu"

YHWHn sobaan kan komatamee akka malee kan irratti godhame faarfatticha oolchuun isaa kan biroo irratti gammachuudhaa fi amanachuu isa irratti akka godhan sababa ta'e (lak. 32-33).

**69:29 "Isa rakkaataa"** jecha kana irraa (BDB 776) fi jecha hin ramadmne lak. 20 irratti kan jiru "dhukkubsataa" yookaan "abdii kutannaa keessa kan jiru" ibsitootni baay'een (hiiktooti) kan cimsan faarfatichi dhukkubsachuu isaati, haa ta'uu malee anu kanan yaadu akka yaada bal'aa barreefamichaatti kan ibsuu ari'atamaa fi dhiphina xiin samuu dhukkuba foonii osoo hin taane, ammam illee isaan yeroo hundumaa yoo wal qabsiisan (jechuun, sababa fi bu'aa).

Ammas kan danda'amu fakiiduu dhukkubaa miira cubbamummaa faarfattichaa kan cimsuu karaa biraa ta'ee dha faayiida irra kan oole (69:5). Fayyinni yeroo hundumaa ciigoo dhiifamaati (Faru. 103:3, Isa. 1:5-6)

**69:31** Lak. Kun haala kan Waaqayyootiin bara araara 70 Yihudummaa booda faayidaa irra ooleera "aarsaa" "galata" jijjiruudhaaf (Faru. 40:7: 50:13-14: 51:16-17). Galatni Waaqayyoon ni gammachiisa.

## MACAAFA FAARFANNAA : 69:34-36

**34 Bantiin waaqa, lfti, galaani gurguddan,**
**Wanti isaan keessa muzuqan hundinuus isa haa jajan!**
**35 Waaqayyo mandara Xiyoon in fayyisa, mandaroota**
**Yihudaas deebisee in ijaara; hojjetootni isa keessa**
**In jiraatu biyyichas in qabatu;**
**36 Sanyiin isaaniif isa in dhaala, warri maqaa**
**Jaallatanis isa keessa in jiraatu.**

**69:34-35** faarfannaa irratti irra deddeebi'ee akka ta'u, dhuma irratti aanguu gad aanaa qaba, waaqeffannaa tokkummaatiin (jechuun, Faru. 103:19-22).Uumaam uumamaa Waaqa Israa'eelii dha, Xiyoonitti/Yihuudaan kan jiraatuu, saba isaa wajjin. Amalli isaaniis

1. Sanyiin garboota isaa
2. Maqaa isaa kan jaallatan

Faarfannaan kun bara Daawititti yoo ta'e, inni "Israa'eel" kan jedhu ni qabaata ture "Yihuudaa" osoo hin taane, tokko iyyuu hin qabu

1. Daawit hin barreesine (jechuun, mata-duree faarfannicha wali hin simatu, isaan macaafa maramaa garba .du'aa irratti hin argaman, dabalataanis yeroo hunduma ragaa barreefamaa faarfannichaa wajjin wal hin simatu)
2. Inni tokkoo booda irratti aanguu isa dhumaa itti dabaleera, ari'atama booda ta'uu danda'a.

**69:34 "Samii fi waaqa…galaannis"** maqaan sadan kun uumama hundumaa ibsuu dhaaf faayidaa irra kan oole (Ba'uu 20:4, 11, Kes.deb. 5:8, Far.96:11, 135:6, 146:6, Hag. 2:6).

### GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti

1. Faarfannaa kan irratti bakka kakuu haaraa irratti kan eeraman tarreesi.
2. Maaliif irra deddeebi'ee eerame?
3. Faarfannaa kan irratti mirri tarreefaman ejjennoo Yesuus irra maalin adda ta'u?
4. Gara Isa. 53 kan argisiisu kan fakkaatu tarreessi.
5. Faarfanna kan irratti faayidaa irra kan oole fakkeenya bishaan tarreesi.
6. Gudunfaa walitti qabame dabalata boodaati? Akkas yoo ta'e, kan yaada haafuuraan liqinfamee dhaa?

# FAARFANNAA 70

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Warra nama ariyatan irratti kadhata gargaarsaa<br>Seensa MT | Diinota irraa ooluuf kadhata | Diinota irraa baraaramuuf kadhata | Kadhata gargaarsaaf | Iyya dhiphina |
| Angafa faarfattootaaf gaarsaa Daawiit<br>70:1-3 | 70:1-3 | 70:1-3 | 70:1-3 | 70:1-2b<br>70:2c-3 |
| | 70:4 | 70:4-5 | 70:4 | 70:4 |
| 70:4-5 | 70:5 | | 70:5 | 70:5 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. K. K..

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. "Ariifadhu" *Qal* IMPERATIVE (BDB 301, KB 300) faarfanicha banuu isaa (lak. 1b) fi cufuu isaa (lak.5b) hubadhu (jechuun, kan of keessatti qabay (inclusion)). Gochamichi faarfannaa 22:19, 38:22, 40:13, 17, 71:12 irratti irra deebi'ameera.

B. IMPERFECTS baay'een bifaJUSSIVES faayidaa irra ooluu isaanii hubadhu (wal cina isaa hubadhu).

**1.** Alta'aa
   a. haa qaana'an lak. 2a – BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT, Faru..35:4; 83:1
   b. gadi haa deebi'an lak.2a – BDB 344, KB 340, *Qal* IMPERFECT, Faru.40:14
   c. .gara duubaati haa deebi'an lak.2c – BDB 690, KB 744, *Niphal* IMPERFECT
   d. haa qanaa'an lak.2c – BDB 483, KB 480, *Niphal* IMPERFECT
   e. . gara duubaatti haa deebi'an lak. 3a – BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERFECT

2. Posaativii
   a. . Kan si barbaadan hundumtu siti haa gammadan lak. 4 – BDB 965, KB 1314, *Qal* IMPERFECT
   b. .Kan si barbaadan haa gammadan lak. 4 – BDB 970, KB 1333, *Qal* IMPERFECT
   c. Fayyisuu kee kan jaallatan haa jedhan…," lak. 4b – BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERFECT
   d. Waaqayyo guddaa haa ta'u lak. 4c – BDB 152, KB 178, *Qal* IMPERFECT

e. Hin turin lak. 5d – BDB 28, KB 34, *Piel* IMPERFECT

C. Wal fakkeenya wal cinaa ajaa'ibsiisaa faarfattichaa hubadhu

D. Faarfannaan kun garaagarummaa xiqqaadhaan irra deebi'ameera, Faru. 40:13-17 irratti, lak. 3a irraa kan hafe.
1. Faarfannaa 70:3, "Haa deebi'an" (BDB 690 I)
2. Faarfannaa 40:15 "soda raafama" (BDB 1030)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA : 70:1-3

**1 Yaa Waaqayyo dafii na oolchi, yaa Waaqayyo,**
**Na gargaaruudhaaf aariifadhu!**
**2 Warri jireenya koo balleessuu barbaadan,**
**Haa yeella'an, haa qaana'anis!**
**Warri hamaan ana argachuutti gammadan,**
**Gara booddee deebi'anii haa salphifaman!**
**3 Warri "Baga bagaa" anaan jedhan,**
**Qaana'anii gara booddeetti haa deebi'an!**

**70:1** NASB *Qal*IMPERATIVE jechi jedhu yeroo lama faayidaa irra ooluu isaa (Faru. 22:19; 38:22; 40:13; 71:12; 141:1) wantoota wal cinaa qaba (lak. 5).
1. Na oolchi
2. Na gaargaari

Ammas hubadhu, Waaqayyo (Eelohiim) gooftaa irraa (YHWH) wajjin wal cina ta'u isaa lak.5 irratti akka ta'an. Mata-duree ilaali Faarfannaa 1:1 irratti.

**70:2 "Hiyyamuu…"** kun karaa ingilliffaati, gaaffii karaa dhiibbaatiin ibsuudhaaf. Qabiyyee yaada bal'aa barreefamichaa b ilaali.

▣ "**Barbaaduu"** gochami kun(BDB 134, KB 152, *Piel* PARTICIPLE) lak. 2 fi 4 irratti ta'a.innis namoota gosa lama ibsa.

1. Kan biroo ajjeessuu kan barbaadan, karaa mataa isaanii argachuudhaaf
2. Waaqayyoon kan barbaadan

**70:2-3 "Isaaniis…"** faarfatticha kan morman amalli isaanii gaalee wal cinaa sadii irratti ibsameera
1. Lubbuu koo kan barbaadan (nephish)
2. Miidhamuu kooti kan gammadan
3. "Baga, baga" kan jedhan kan baratamee barreefama kakuu moofaa tooftaa isaa argisiisa, "galagaltoo" kan jedhamu. Faarfatticha isa gaarii irratti akka ta'u kan hawwan isaan irratti ta'e!

## MACAAFA FAARFANNAA : 70:4-5

**4 Warri si barbaadan hundinuu garuu, isaanitti**
**Haa tolu, sittis haa gammadan! Warri fayyisuu kee**
**Jaallatanis utuu gargar in kutin,**
**"Waaqayyo" guddaa dha!" haa jedhan!**

> [5]**Waa'ee koof yoo ta'e garuu, ani gadadamaa dha,**
> **Dhabadhas, ariifadhu na bira ga'I, yaa Waaqayyo!**
> **Ati gargaarsa kooti, furii kotis, Yaa waaqayyo, egaa hin turin.**

**70:4 "Kan si barbaadan"** kun ciigoo kakuu moofaati, Waaqayyoo wajjin kan jiraatu walitti dhufeenya amantii dhuunfaa, amalli isaas

1. Waaqeffannaa mana qulqullummaa
2. Aboomamuu kakuu

Kan lakkoofsa 4 sarari dhumaa seera waaqeffannaa mana qulqullummaa ta'uu danda'a.

**70:5** lak. 1 irratti kan jiran lammanuu "na ollchi" fi "na gargaari" yaad-rimeen jedhu akka irra deebi'aman hubadhu (adda kan ta'e garuu gochama wal fakkaataa "oolchuudhaaf").

▣ **"Ani rakkataadhaa fi dhabaadha"** faarfattichi haala harkifataa kan mataa isaatiti kan inni ibsu. Waaqayyo gudda dha (lak. 4) isa garuu miidheera.Inni Waaqayyoon gaaffata, gargaarsaaf dafee akka dhufu.

## GAAFFILEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemutu nurra jiraata.Hiktootni jalqabaa si, Kitaaba qulququlluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kanas deebifte isa hiikee irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffilleen mareen kun kan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka atii xinxaltuuf si kakaasuuf malee kana qofaan akka ati daangooftuuf miti.

1. Faarfannaan 70 maaliif faarfannaa 40:13-17 irratti argamuu danda'e
2. "Galagaltoo" yaad rime yaada bal'aa barreefamichaa jecha mataa keen ibsi.
3. Maqaa kan Waaqayyoo kan ta'e Eelohmi fi YHWH tokkummaan isaanii maalii dha

# FAARFANNAA 71

## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kadhati jaarsolii Oolchuu dhaaf | Waaqayyoo kattaa fayyinaati | Kadhati jaarsa amanaa diina dhuunfaa irraa oolchuu dhaaf | Kadhata nama jaarsaa | Kadhata jaarsaa |
| 71:1-6 | 71-1-3 | 71:1-3 | 71:1-3 | 71:1-2 |
| | | | | 71:3-4 |
| | 71:4-6 | 71:4-6 | 71:4-6 | |
| | | | | 71:5-6 |
| 71:7-11 | 71:7-8 | 71:7-11 | 71:7-11 | 71:7-8 |
| | 71:9-11 | | | 71:9-10 |
| | 71:12-13 | | | 71:11-12 |
| 71:12-16 | | 71:12-16 | 71:12-16 | |
| | 71:14-16 | | | 71:13 |
| | | | | 71:14-15 |
| | 71:17-18 | | | 71:16-17 |
| 71:17-21 | | 71:17-18e | 71:17-21 | |
| | 71:19-21 | | | 71:18d |
| | | 71:18f-21 | | 71:18e-21 |
| | 71:22-24 | | | |
| 71:22-24 | | 71:22-24 | 71:22-24 | 71:22-24 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. k.k.f

## MACAAFA FAARFANNAA 71:1-6

**[1]Yaa Waaqayyo, ani koolu sitti galeera,**
**Ati yoo iyyuu akka ani yeellasifamne godhi!**
**[2]Ati qajeelummaa keetiin kana jalaa na baasi,**
**Gurra kee gara kootti qabi, na gargaaris!**
**[3]Yeroo hundumaa akkan itti deddeebi'utti,**
**Ati kattaa ani itti galee jiraadhu anaaf ta'i!**
**Ati kattaa koo fi masaraa koo waan taateef,**
**Ana fayyisuudhaaf abboomteetta*.**
**[4]Yaa Waaqayyoo ko, harka nama jal'aa keessaa,**
**Qabaa nama dalgifamaa, nama humnaan nama**
**Irratti hojjetuu keessaas ana baasi!**
**[5]Yaa Waaqayyo gooftaa ko, ati abdii kooti,**
**Ati mucummaakooti jalqabdee amanannaa koo ti!**
**[6]Garaa haadha koo keessaa situ na baase, dhallachuu**
**Kootii jalqabee sitti hirkadheera; yeroo hundumaa sin jajadha*.**

71:1-6 Aanguun seensaa kun ilaalcha barreesichaa sirriitti kan ibsuu dha. MT seensa akka hin qabne hubadhu. Yaada kennitoonni baay'een kan tilmaaman kun kadhata jaarsaa akka ta'ee dha. (Lak.4:10, 13,24).

**71:1 "bakka kooluu itti galan godhadha"** gochama kaaf (BDB 340, KB 337, *Qal* PERFECT), Far. 5:11 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: BAKKA KOOLUU ITTI GALAN

"Bakka kooluu itti galan" (BDB 340, KB 337) faayidaa irra kan inni ooluu buubbee irraa mana fudhachuu yeroo ta'uu hata'u malee yeroo hundumaa fakiiduun faayiidaa kan inniooluu, namoota hamoota irraa eegamuu dha.

1. Gochamichi Waaqayyoof faayidaa irra ooleera Far. 2:12; 5:11; 7:1; 11:1; 16:1; 18:2; 25:20; 31:1,19; 34:8,22; 37:40; 57:1; 61:4; 64:10; 71:1; 118:8,9; 141:8; 144:2
2. Maqichis Waaqayyoof faayidaa irra ooleera, Far. 14:6; 46:1; 61:3; 62:7,8; 71:7; 73:28; 91:2,9; 94:22; 142:5 Fakkeenya bakka itti kooluu galan,garaagarummaa isaa hundumaa irraa, far. 18:1-2 irratti in mul'ata!

▣**"Rawwadhee hin qaana'in"** gochami kun (BDB 101, KB 116) *Qal* COHORTATIVE. Mata - duree addaa milla jalaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: SHAME (BDB 101, KB 116) BIFA OG-WAAQUMMAATIIN

"Qaanii" kan inni agarisiisuu firdii Waaqayyooti, cubbuu irratti (jechuun, Uum. 2:25 Se.Uum. 3:10 wajjin yeroo wal-bira qabamu). Faarfannaa 31:17a 31:17 wajjin wal-bira qabii hubadhu. Qaaniin firdii wajjin wal-qabata, Faarfannaa 53:5,119:1-8, Dan.12:2 irratti.

Qaaniin akkasumatti midhaa gurra-guddistuu ykn of-tuulummaa miti, haa ta'u malee safartuu kakuu cimaa kan ta'e cabsuu dha, akkasumas Waaqayyoo wajjin tokkummaa qabnu cabsuu dha. Inni yeroo baay'ee ejjitootaaf faayidaa irra kan oolee (Far. 97:7, Isa.42:17, 44:9, 11,45:16, Er. 51:17).

Qaaniin jiraachuu dhiisuun abdii guddaan, YHWH irratti kan godhatanii dha, (Isa.49:23, Far.25:3, Iyu'e. 2:27) Phawuuloos irra deebi'eera Rom.9:33 fi Yoh. 2:28 irratti.

**71:2** Gochama lamman dursan "oolchuu"(BDB 664, KB 717, Far. 70:1) akkasumas "oolchuu" (BDB 812, KB 93) lammanuu IMPERFECTS gocha adeemsa irra jiru kan ibsu isa sadaffaa wal-fakkaataa "fayyisuu"(BDB 446, KB 448, *Hiphil* IMPERATIVES) Lakkoofsa 2b irra jira.

Bu'uura kadhataa hubadhu (jechuun, lama *Hiphil* IMPERATIVES, Lak. 2b) bu'aa hojii faarfatichaa akka hin taane haa ta'u malee hojii tola YHWH malee (Lak.16, mata-duree addaa ilaali Far.1:5 irratti).

▣**"Gurra kee itti qabi"**gochamni kun (BDB 639, KB 692, *Hiphil* IMPERATIVE) karaa fakiiduu ibsa seer-lugaati (mata duree addaa ilaali Far. 2:4-6 irratti) Waaqayyoon kadhachuuf kadhati faarfatichaa akka dhaga'amus (Far. 17:6; 31:2; 86:1; 88:2; 102:2).Kan faarfannaa kana kan duraa Lak. Sadii faarfannaa 31:1-3 wajin wal-fakkaataa dha.

**71:3 "Dhagaa kooluu itti galan naaf ta'i"**yaadi-rimeen Waaqayyoo kan akka "kattaa quuqaa oljedha" (BDB 700, jechuun, daannoo, Lak. 3c) Far. 18:2, 31:2-3, 40:2, irratti mul'ata, innis Kes.Deb.32:31, 37 wajjin eeruu kan danda'u.

"Bakka kooluu itti galan" yaadi-remeen jedhu (BDB 732) kan ibsuu bakka jireenyaa Waaqayyoo wajjiniiti (jechuun Mana Qulqulluummaa Far. 76:2), Far. 23:6; 27:4-6; 90:1; 91:9. Wal-fakkaataa kan ta'e. Kadhati oolchuuf godhamu rakkoo dhaa fi diinnii hin jiraatin kan jedhu caalaa baay'ee kan caaluu dha, argamuun Waaqayyoo waan keessa jiruuf (Kes.Deb.33:27).

Ta'uu kan qabu "kattaa looluu itti galan/ baka jireenyaa) מעון "dhagaa dhokkannaa," ta'uu danda'a מעוז (BDB 731, Far. 31:2). Kan UBS porojektiin barreefama (Fuula. 305) "mana jireenyaa tiif) sadarkaa "C" laata (shakiin lammaffaan).

▣**"Na fayyisuuf abboommii naaf laatte"** kan gochamichaa (BDB 845, KB 1010, *Piel* PERFECT) akkasitti hiike

1. Abboommii yeroo darbee– NASB, NKJV, NJB, REB
2. Kan fuul-duraa ykn gaaffii ammaa – JPSOA
   Porojekitiin UBS "akka dhufuuf abboommii laate" kan jedhu sadarkaa "C" laata (jechuun, shakkii ta'u). Macaafni ququlluu NET kan inni deggeruu kanUBS filannoo kan biraa dha, "mana dhokannaa" (RSV, NRSV), Far 31:2 hordofi.

**71:4 "Nafayyis"**lakkofsota jalqabaa arfan kanaan walfakkaataa hedduun faayidaa irra ooleera.

1. Fayyuu– BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERFECT,, Far. 7:1; 39:9; 51:14; 71:11
2. Balaa oolchuu– BDB 812, KB 930, *Piel* IMPERFECT, lak 2; *Piel* IMPERATIVELak. 4, Far. 18:48; 22:4,8; 31:1; 37:40; 43:1; 82:4; 91:14
3. oolchuu– BDB 446, KB 448, *Hiphil Hiphil* IMPERATIVE, lak. 2; *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT,, Lak. 3; yeroo 57 faarfannaa irratti faayidaa irra ooleera.

▣ **"Harka"** mataa-duree addaa faarfannaa 7:1-4 ilaali

▣ **“Cubbammoota”** Far 1:55:15,15:2-5 astti faayidaa irra kan oolan jechoota sadii hubadhu.

1. Cubbamaa – BDB 957
2. Fincilaa – BDB 732
3. Hamaa – BDB 330 III, KB 329

**71:5-6** Ibsa jechaa kanaa hubadhu, “Adonaay amala YHWH ibsuu dhaaf faayidaa irra kan oolan (“Gooftaan Gooftaa ko” Lak 16).

1. Abdii koo – BDB 876, Far. 39:7; 62:5; Er. 14:8; 17:13
2. Amanannaa koo – BDB 105 (mata duree addaa Far. 4:5 irratti ilaali)
3. Hirkisaa koo (itti hirkadheera) – BDB 701, KB 759, *Niphal* PERFECT, Isa. 48:2

▣ **“Xinnummaa koo kaasee…da’imummaa koo kaasee…gadameessa haadha koo kaasee”**gaaleen wal-cinaa kun karaa cigooti, amanachuu faarfatichaa kan cimsan, Waaqayyoo yeroo hundumaa isa wajjin akka ta’eef isaaf akka ta’e, (Far. 22:9-10)! Isaan kun Isiraa’eliif faayidaa irra ooleera Isa. 46:3.

**71:6**
**NASB, NRSV** **“nafudhatte”**
**NKJV** **“nabaaste”**
**JPSOA** **“nagargaarte”**
**LXX** **“da’oo**

MT“kutuu” kan jedhu qaba (BDB 159, KB 186, *Qal* PARTICIPLE), innis fakiiduu ta’uu danda’a, Waaqayyoo hidda-handhuuraa kutuu dhaaf (jechuun, da’ima hin dhalannee wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabu, 22:9-10; 139:13-16; Erm. 1:5).

“Harkisuu irraa” ykn jabina/deggersa” (LXX) filannoon biraan barrefama sireessus dabalata.

## MACAAFA FAARFANNAA 71:7-10

**7Ani namoota baay’eedhaaf nama dinqiin kee irratti**
**Mul’atuun ta’e; ati immoo isa humna-qabeessa ani koolu**
**Sitti galuu dha.**
**8Ani afaan guutee sin jaja, guyyaa guutuus ulfina kee nan hima.**
**9Bara dullumaatti ana in gatin. Yeroo humni koo**
**Dhumus ana in dhiisiin *!**
**10Diinoonni koo waa’ee koo in dubbatu, warri riphanii**
**Jireenya koo balleessuu barbaadanis, wali wajjiin anatti in koratu;**
**11Isaan, “Waaqayyo isa dhiiseera, kan isa oolchu in jiru,**
**Duukaa bu’aa qaba in jedhu *.**

**71:7-11**Aanguun kun sodaa jaarsa qajeelaa ibsa. Ifatti akka mul’atuu haalli jaarsomuu warra tokko tokkoof Waaqayyoo isaaf kan inni godhu kunuunsaa fi argamuu isaa akka gaafatan godheera. Faarfannaa irratti “ooluu” jechi jedhu (BDB 664, KB 717) irra guddaa oolchuu Waaqayyootiif faayidaa irra ooleera.

**71:7**
**NASB** **“dinqisifachuu”**
**NKJV** **“aja’ibsiifachuu”**
**NRSV, REB,**
**LXX** **“aja’ibsiisaa”**
**TEV,JPSOA** **“fakkeenya”**
**NJB** **“waliin dha’amuu”**

Jechi Ibirootaa (BDB 68) hiiki isaa "aja'ibsiisaa" "mallattoo" ykn "argisiistuu" dha. BDB haala fayyadama isaa asitti kan ilaallatu kan akka adda ta'ee, "YHWH dhaan akka nama eegamuu" argisiissuu dhaan, innis Lak. 6 kan eeru.

**71:8** lakkoofsi kun kan Laakkoofsa 6 sarara wal-cina cuftuu godha. Jireenyi nama kanaa "kan galata" amala ture (BDB 239, Lak. 14; Far. 34:1).

**71:9** Hammam illee namni kun nama amantii fi nama galataa yoo ta'e iyyuu dullumaa fi jechi diina isaa akka sodatuu fi akka dhiphatu godheera (Lak. 18)

Sodaan kun kan ibsamuu IMPERFECTS bifa JUSSIVES. lama faayidaa irra kan oole.

1. Nan gatin – BDB 1020, KB 1527, *Hiphil* IMPERFECT, Far. 51:11
2. Nan dhiisin – BDB 736, KB 806, *Qal* IMPERFECT

**71:10-11** lakkoofsi kun kan ibsan diinnii faarfatichaa kan isaan jedhanii dha (ykn yoo xinnaate inni kan jedhu yaada isaa).

1. Waaqayyoo isa dhiiseera – BDB 736, KB 806, *Qal* PERFECT (dhabbataatti isa dhiisuu isaa)
2. Duukaa bu'an – BDB 922, KB 1191, *Qal* IMPERATIVE
3. Isa qaban – BDB 1074, KB 1779, *Qal* IMPERATIVE
4. Tokko iyyuu isa hin oolchine – BDB 664, KB 717, *Hiphil* PARTICIPLE Faarfannaan 3:2 immoo kan ibsu duuka buutuu amanamaa ta'ee shakkii keessa kan jiran namootaa lolaniif haasaa hamaa dha.

## MACAAFA FAARFANNAA 71:12-16

**12Yaa Waaqayyo, ana irraa hin fagaatiin, Yaa**
**Waaqayyo ko, ana gargaaruudhaaf ariifadhu!**
**13Warri diina anatti ta'an haa yeellasifaman, haa dhumanis,**
**Warri miidhama koo barbaadanis arabsoodhaa fi**
**Salphina haa huffatan!**
**14Ani garuu ittuma fufeen si eeggadha, isa ani ittiin si jajjadhu**
**Hunudumaas ittan caalchiisa.**
**15Afaan koo qajeelummaa kee in dubbata, lakkoofsa gochaa kee**
**Yoon hubachuu dhaa baadhee iyyuu, fayyisuu kee**
**Guyyaa guutuu nan hima.**
**16Yaa Waaqayyo gooftaa, hojii aangoo kee ol**
**Fuudhuudhaaf nan dhufa; qajeelummaa isa kan**
**Keetii duwwaas jajuudhaan nan yaadadha.**

**71:12-16** Aanguun kun kallattii sadii qaba.

1. Kadhata faarfatichaaa, Lak. 12
   a. Argamuu Waaqayyoof ("narraa hin fagaatin") – BDB 934, KB 1221, *Qal* IMPERFECT bifaJUSSIVE faayidaa irra kan oole Far. 22:11,19
   b. Gargaarsa Waaqayyoo arifataa – BDB 301, KB 300, *Qal* IMPERATIVE
2. Kadhata faarfatichaa raawata diina isa tiif Lak. 13
   a. Haa qana'an – BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayida irra kan oole
   b. Haabadan – BDB 477, KB 476, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
   c. Qaanii ha'ufatan – BDB 741, KB 813, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole

    d. Salphina ha'ufatan– c wajjin gochama wal-fakkaataa fakkaata.
3. Amantaa cimaa faarfaticha, Lak. 14-16
    a. Ani garuu yeroo hundumaa abdiin godhadhaa
    b. Galata keesi… ittan-dabalaa
    c. Nan-dubbadha (jechuun,mana Qulqulluummaatti)
        (1) Tolakeen
        (2) Fayisuukeen
        (3) Hojiikee jabaan
        (4) Tolakeen, kan kee qofa (mata-duree addaa ilaali: tokkummaaa (Waaqa tokko) Far. 2:7 irratti)

**71:13 "Diinota"** kun PARTICIPLE ("isa komatu") BDB 966, KB 1316) yeroo baay'ee jecha seexanaaf hojii irra oolee dha, xiyya komataa. Mata-duree addaa Far.38:20 irratti.

**71:15 "Afaan koo in dubbata"**gochamni kun (BDB 707, KB 765, *Piel* IMPERFECT) yeroo baay'ee faarfannaa irratti hojii irra oola amalaa fi hojii YHWH labsuuf, yoomessa waaqeffannaatti (jechuun, mana qulqulluummaa).
1. Dinqiinsaa – Far. 9:1; 26:7; 40:5; 75:1; 78:4
2. Galata isaa – Far. 9:14; 79:13; 107:21
3. Gocha isaa – Far. 66:16; 118:17; 145:6,12
4. Tola isaa – Far. 71:5 ( 35:28; 40:10)
5. Kakuu jaalala isaa tii fi amaanamummaa isa – Far. 88:11 ( 40:10)
6. Ulfina isaa – Far. 19:1; 96:3 (145:12)
7. Guddummaa isaa – Far. 145:6
8. Masihi isaa – Far. 2:7
9. Maqaa isaa– Far. 22:22; 102:21

Lakkoofsa kan irratti-tola isaa tii fi fayyisuu isaati.

▣ **"Heda'uu isaa anii hin beeku'oo"**gaaleen kun calqisiisuu kan danda'u
1. Dhugaa wal-fakkaataakan akka Far. 40:5, 139:18 jechuun hojiin ajaa'ibsiisaa Waaqayyoo baay'ee dha, bira ga'uu kan hin dandeenye
2. Dhugaaa wal-fakkaataa kan akka Iyo.42:3, Far. 139:6 isaan hubannoo namaatiin olii dha
3. Isas jechuun "barreesi" dha "himi" faallaa (NIDDOOTE, jildii 4, Fuul 1288).

## MACAAFA FAARFANNAA 71:17-21

**17 Yaa Waaqayyo, mucummaa kootii jalqabdee**
**Ati ana barsiifteetta; ani immoo amma iyyuu**
**Gocha kee isa dinqisiisaa nan labsa;**
**18 Irree kee dhaloota amma jirutti, aangoo kees**
**Dhaloota dhufu hundumaatti hamman himutti,**
**Dulloomee mataan koo harrii yoo ta'e illee, ati**
**Ana hin dhiisin, yaa Waaqayyo*!**
**19 Qajeelummaan kee baay'isee ol ka'aa dha,**
**Yaa Waaqayyo! Ati wanta gurguddaa hojjetteetta,**
**Yaa Waaqayyo, kan akka keetii eenyu ree?**
**20 Ati dhiphina baay'ee fi hammina anatti argisiifteetta,**
**Deebitees ana in jiraachiifta; boolla lafaa isa**
**Gadi fagoo keessaas deebifte ol na fidda*.**
**21 Ati baay'ee ana in guddifta, deebiftees ana in jabeessita.**

**71:17-21** Aanguun kun giddu galeessa ergaa faarfannichaa kan itti fufuudha. Innis faarfatichi waa'ee amala Waaqayyoo fi waa'ee araara isaa dhugummaa kan qabu ta'uu isaa ibsa. Kan irraa kan ka'e inni guddummmaa Waaqayyoo in dubbata (jechuun,yoomessa mana qulqulluummaatti).

**71:17** Isiraa'eloonni Musee dhaan abboomamaniiru, ijoollee isaanii waa'ee Waaqayyoo akka barsiisan (Se.Bau. 10:12; 12:26; 13:8,14; .Kes.. 4:9; 6:7,20-25; 11:19; 31:13; 32:46). Amantiin milkaa'aan amantii dhaloota itti aanuuf dursa laata!

**71:17b "Dinqii kee"**mata-duree addaa ilaali Far. 9:1 irratti.

**71:18** sarara 1 kan lakkoofsa 9 irra deebi'uu dha faarfatichi ergaan isaa, waa'ee Waaqayyoo waan qabu, kan isaas ta'e dhaloota dhufus akka gargaaru yaadaa akka ture hubadhu. Bifa kanaan qulqulluun sagalee isaa akka hojjetu kan karoorfamee!

**71:19 "Haga waaqa bira kan ga'u"** kun ciigoo uumama Waaqayyoo fi hojii fayyisuu Waaqayyoo kan ibsuu dha, baayyee guddaa dhaa fi kan fayyaduu fi haga duumessaatti kan ga'u (Far. 57:10).

▣ **"Kan akka kee eenyuu dha"**kun kan YHWH adda kan ta'e kan ibsuu dha, kan Waaqa baayyee waaqessuu, heenootizimii dhaan, hundumtuu lubbuu qabahawwasa jedhuu giddutti (mata-duree addaa ilaali: tokkummaa Far.2:7 irratti). Kunis kan adda ta'e yaaduu Isiraa'eliti!

**71:20** kun ibsa dha (jecha Kakuu Moofaa keessatti) ijoolleen namaa kan isaan dura dhaabate kan argisiisu addunyaa kufe kan irratti. (kan karawwan lamaan) Og-Waaqummaan (Far. 1, Kes 30:15,19) jireenya hin ibsu (Far 37, 73, fi Iyoob).

▣ **"Deebi'i…ammas na baaste"**isaan kunii fakiiduu deebi'uu fakkaata, gara jireenya jabaatti, du'aa ka'uu osoo hin taane. Kakuu Moofaan du'a booda jireenya cimsa (Iyo 14:14-15; 19:25-27; Dan. 12:2),hata'u malee bakka kanatti akka yaada barreefamichatti yaadi-rimee kanaaf kalattii hin laatu

▣ **"Ana"** yadamuu kan qabuu kan lakkoofsa baayee "nu'I" barreefama kan irratti akka ta'uu dha. Akkana yoo ta'e inni kun kan waliini fakkeenya gudunfaati, faarfannaa nama dhuunfaati. Egaa inni His. 37 wajjin wal-clna ta'a (jechuun, haara'umsa biyyoolessaa).

## MACAAFA FAARFANNAA 71:22-24

**22 Anis immoo amanamummaa keef kiraaraan sin**
**Galateeffadha, yaa Waaqayyoo ko! Maseenqoodhaanis**
**Sin faarfadha, yaa qulqulluu isa kan Israa'el!**
**23 Yeroo ani faarfannaadhaan si jajadhu, afaan koo,**
**Lubbuun koo isheen ati furtes, sagalee gammachuu**
**Haa dhageesissan!**
**24 Warri miidhama koo barbaadan yeela'anii**
**Waan qaana'aniif, arrabni koos immoo guyyaa guutuu**
**Waa'ee qajeelummaa kee ha dubbatu!**

**71:22-24** Faarfatichi faarfataa kan ture Leewwii ta'uu danda'a (Lak. 22). Inni Waaqayyoon galateeffata waa'ee amanamummaa isaaf/ dhugaa (BDB 54,mata-duree adddaa ilaali Far. 12:1 irratti), garuu immoo waa'ee qaanii fi salphinaa, diinota isaa irratti waa'eee waan fiduuf jiruu (Lak. 24).

▣ **“Qulqulluu Isiraa’el”** kun maqaa kakuuti, YHWH dhaaf (Far. 78:4, 89:18, baay’ee irra deddebi’ee Isaayaas irratti, jechuun, 1:4, 5:24). Mata duree addaa ilaali: qulqulluu Far.16:3 irrati.

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun akkamitti nama jaarsaan barrefamuun isaa amanamuu danda’e?
2. Lakkoofsi 3 faarfannaa 23:6 wajjin akkamitti walitti dhufuu danda’e?
3. Lakkofsi 5-6 Ermiyaas 1:5 akkamitti walitti dhufuu danda’e?
4. “Aja’ibsiifamu” jecha jedhu lakkofsa 7 irratti, ibsi.
5. “Kan qaana’an” lakkoofsa 13 irratti ibsi.
6. Lakkoofsi 19c tokkummaa nibarsiisaa?
7. Lakkoofsi 20 kan inni eeru fayyina, deebi’uu dha kan eeru ykn du’aa ka’uu?

# FAARFANNAA 72

## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Bittaa mootii tolaa<br>Seensa <u>MT</u><br>Faarfannaa Solomoon | Ulfina waliigalaa bittaa Masiihiichaa | Waaqayyoo mooticha akka eebbisu kadhachuu | Kadhata Mootichaaf | Abdiin kan galameef Mooticha |
| 72:1-4 | 72:1-4 | | | |
| | | 72:1-4 | 72:1-5 | 72:1-2 |
| | | | | 71:3-4 |
| 72:5-7 | 72:5-7 | | | |
| | | 72:5-7 | | 72:5-6 |
| | | | 72:6-7 | |
| | | | | 72:7-8 |
| | 72:8-11 | | | |
| 72:8-11 | | 72:8-11 | 72:8-11 | |
| | 72:12-15 | | | 72:9-10b<br>72:10c-11 |
| 72:12-15 | | 72:12-14 | 72:12-14 | 72:12-13<br>72:14-15 |
| | | 72:15-17 | 72:15-17 | |
| 72:16-17 | 72:16 | | | |
| | 72:17 | | | 72:16 |
| 72:18-19 | 72:18-19 | | | 72:17 |
| | | 72:18-19 | 72:18-19b | 72:18-19 |
| | | | 72:19c | |
| 72:20 | 72:20 | 72:20 | 72:20 | 72:20 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kun kadhata achi dheeratee dha (jechuun, “kenni” – BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE) Mooticha isa tolaa fi mucaa isaa (2Sam. 7 kan eeru ta’uu danda’a, bakka ga’umsa isaa irratti Masiihiicha kan eeru).
   1. Firdiinkee – NASB, NKJV, JPSOA
      - Haqa kee – NRSV, REB,
      - Firdii haqaa kan mataa kee – NJB
   2. Tola kee – NASB, NKJV, NRSV, JPSOA, REB
      - Kan mataa kee haqa fayisuu, NJB

B. Faarfannaan kun kan kakuu moofaa “kan bara haaraa” hubannoo agarsiisa. Safartuu kakuutii fi ija abdii godhateera. Jajuu muudamaa yoo ta’ee, gurra gudistuu mootitti hata’u malee fakkiin bara haaraa yoo ta’ee Kiristoosiin raawwii argateera. Faarfannaan kun Kakuu Moofaatti hin eeramne, hata’u malee Yihuudonnii fi burqaan kiristaanotaa akka Masiihitti fudhatu. Aalfireedi Idaarishiim ilaali, kan Masiihii Yesuus yeroo fi jireenya isaa, Odeefannoo dabalataa IX, Fuula.719.

C. Faarfannaan kun gochama IMPERFECT guuteera.  NASB, NRSV, fi JPSOA lakkofsa 2-4,5- 7,8-11,15-17,19ilaali, kan IMPERFECTS bifa faayidaa hojii irra ooleen (jechuun, “akka. . .,” “akka. . .”), garuu  NKJV fi NJB hundumaa kan ilaalatu kan akka IMPERFECTS (jechuun., Masiihiin wantoota inni godhu). JUSSIVES arfantu yaada barreefama kana irratti jiru (jechuun., Lak., 8,15,16,17).

D. Lak. 20 jecha gudunfaa ti qopheessaa boodaatiin/qindeessa,kan macaafa lamaa, kan (jechuun, faarfanna 42-72) kan faarfannichaa.

   Dabalataan ta’uu kan qabu Lak. 18-19 cuftuu jajuu qabateera, kan macaafa lamaa, faarfannichaa.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 72:1-4

**1Yaa Waaqayyo, wanta ati qajeelaa dha jetteen**
**Geggeefamee faradu mootiidhaaf kenni,**
**Qajeelina kees ilma mootii argachiisi!**
**2Inni qajeelinaan saba keef firdii haa kennu,**
**Warragadadamoofis madaalliitti firdii haa eegu!**
**3Tulloonni nagaa guutuu, gaaroonnis qajeelummaa**
**Sabaaf haa kennan!**
**4Mootichi sab asana keessawarra gadadamoof haa faradu,**
**Warra dhaban haa gargaaru, warra cunqursitu haa caccabsu*!**

**72:1-4** aanguun kun mooticha haaraaf haala gaarii ibsa (jechuun, Masiihii) akka bitu.

1. Akka faradu (kan lakkoofsa baay’ee MT irratti ta’uu danda’a, qulqullina kan ibsu,Isa. 9:7; 11:2-5; 32:1; kan “tola” mata-duree addaa  Far.. 1:5 irratti)
2. Haqa keetiin akka faradu (mata-duree addaa ilaali Far. 9:5-6), Far. 82:3
3. Nagaa akka fidu (bittaa mootii tolaa lafattiin badhaatu godha, jechuun, Lew.26, Kes. 27-30)
4. Tola, Isa. 11:4
5. Oolchuu
6. Hamaa cabsuu

   saba Waaqayyoo ibsuuf faayidaa irra kan oole jechoota adda addaa hubadhu.
   1. Saba kee, Lak. 2

2. Rakkatooti kees, Lak. 2,4 (JPSOA, “tuffatamaa”)
3. Ijoollee rakkatootaa, Lak. 4

Maatiin Waaqayyoo hundumtuu hin eegamus hin jajabeefamus.

Hawwaasa kakuu keessatti dureechaa fi hiyyeessa gidduutti dhiibbaan jabaachaa dhufeera. Dhiibbaan kunis kan darbe ari’atamicha booda, kan amanaaniin, duuka buutuu amanamootaa fi waaqa tolfamaa kan waaqessan weeraratoota/bittoota. Kan rakkatan/hiyyeesota/homaa kan hinqabnee dha kan haara’an. YHWH isaan kunuunsa (kan cime ergaan Keessa.Deebii). inni kan isaa kophaa isaa abdii fi fayyisaa dha (Far. 103:6, 146:7).

**72:3** fakkiin kun hiika hedduu qabaachuu danda’a.

1. Gaarota…bakka ol-ka’aan geggeestoota gaarii eeru
2. Gaarota…bakka ol-ka’aan akka namoomsutti egaa badhaadhinaatti faayidaa irra oolu (jechuun, eebba kakuu)
3. Gaarota…bakka ol-ka’aan biyyattii abdii tasgabbii cimaa eera

▣ **“Bishaan”jechi kun** (BDB 284, KB 283) as qofatti kakuu moofaa keessatti argama. Innis gochama *Hiphil irraa* “kan coccobu” waan ta’e fakkaata, Arabifaan hundeen hiikaa “imimmaan dhangala’u” dha.

## MACAAFA FAARFANNAA 72:5-7

**5 Hamma biiftuu fi ji’I jiraatanii ibsaniitti, inni dhalootaa**
**Amma dhalootaatti haa jiraatu*!**
**6 Inni akka bokkaa lafa margi irraa haamame**
**Irratti bu’uu, akka tiifuu deddebi’ee lafa jiisuus haa ta’u!**
**7 Bara isaatti qajeellummaan haa lalisu, amma ji’I deebitee**
**Argamuu dadhabduuttis nagaan haa baay’atu!**

72:5-7 Aanguun kun gaaffiwaan lamaaf xiyyaafannoo laata.

1. Sabi Waaqayyoo isa sodaachuu dhaan/kabajuun akka taa’u
2. Kennamuun kunis yeroo keessatti akka itti fufu (jechuun, Aduu fi ji’a yeroo jiraatan hudumaa,Uum.8:22, Far. 89:36-37) isaanis kana yoo godha, egaa abdiin eebbaa kakuu Musee irraa itti fufa (Lew. 26, Kes. 27-30). Mootii fi sabi isaa (Far. 1:9, 2:12) haala kakuchaa wajjin wal-simuutu irra jiraata.

**72:5**

| | |
|---|---|
| **NASB, JPSOA** | **“isaaniin”** |
| **NKJV** | **“isaan”** |
| **NRSV, NJB, REV, LXX** | **“isa”** |

MT kan lakoofsa baayyeee qaba, kanaaf, kan inni argisiisuu danda’u

1. Kabaja saba kakuu
2. Kan Masiihi Mootii (jechuun, kan ba’ina sinboo) kabaja

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, REB, JPSOA** | **“sodaa”** |
| **NRSV, NEB** | **“jiraachuu”** |
| **TEV** | **“waqefannaa”** |
| **NJB, LXX** | **“jiraachuu”** |

Porojektii barrefama UBS (Fuula. 309) kan “dhumaa” sadarkaa “C” odeefannoo laata (shakkii ta’u). kunis LXX hordofa. Innis walcina wajjin haala foya’aan jn sjmata.

## MACAAFA FAARFANNAA 72:8-11

**8 Galaanaa amma galaatti laga [Efraxis] amma aandara**
**Lafaatti haa mo’o*!**
**9 Warri lafa duwwaa keessa jiraatan isa duratti haa guggufan,**
**Dinoonni isaas biyyoo haa arraaban*!**
**10 Mootiin Tersish, kan biyya galaana keessas kennaa isaaf**
**Haa fidan; mootiin Sheebaa kan sabaas isaaf gibira haa dhi’eessan*!**
**11 Mootiin hundinuu isa duratti ha gombifaman, sabni lafa irraas**
**Isaaf haa hojjetan!**

**72:8-11** Bittaan Masihiichaa kan ta’u

1. Walii-gala (jechuun, kan faayidaa (Bahaa dhi’oo duri) jecha fayyadamuu dhaan)
   a. Galaana irraa gara galaanaatti (Zak. 9:10
   b. Bishaan irraa (jechuun, Efraaxiis) hanga daarii laffaatti (jechuun, Soloomoon naannoo kana biteera)
2. Namooti hudumtuu ni kabaju, harka-fuudhaas in fidu, Isa. 49:23

Bittaan waliigalaa kun (Far. 2:8, 59:13, 65:2,67:7,Isa. 45:22,52:10,Mik. 5:4) Uum.1:26-27 fi 12:3 walii-gala akka ta’e ifaa dha. Tokkummaan dhugaa yoo ta’e, ijoollee Addaam hundumaaf oolchuun galma ta’a (mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 2 seensa irratti,Faarfannaa 2 faarfannaa Masiihii kan biraa dha).

**72:9**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“tifattee”** |
| **NKJV (MT)** | **“lafa onaa kan jiraatan”** |
| **NRSV** | **“diinota”** |
| **TEV** | **“namoota lafa onaa”** |
| **NJB** | **“bineesota”** |
| **LXX** | **“nama Itoophiyaa”** |
| **REB** | **“gosa lafa onaa”** |

Jecha ( ,ציBDB 850 II, KB 1020) hiika inni qabaatu

1. Diinota BDB 865 II (kan sireefame, haa ta’u malee wal-cina irraa “diinota” wajjin kan wal-simatu Lak. 9b wajjin haaala foy’aan)
2. Bineensa lafa onaa – Far. 74:14; Isa. 13:21; 23:13; 34:14; Erm.. 50:39 (irraa “ ,ציהgoggummaa,” Er. 50:12; 51:43)
3. Ta’uu kan qabu **(**NEB**)** Lak. 2 kan eeru jinni lafa onaati (mata-duree jala jiru ilaali)
4. Ergamaa ykn ergamaa – ( צירBDB 851 II), Isa. 18:2

**MATA DUREE ADDAA: SEXANAAWAA (HAAFUURAA XURA'AA)**

A. Ergamoota kufanii fi jinni gidduu walitti dhufeenyi jiru maal akka ta'ee hin beekamu. 1Henok Uumama 6:1-8 kan jiru nafilim burqaa hameenyaa ta'uu isaa mirkaneessa. Barsisoonni barreefama Uuamama 3 irra jiru osoo hin taane as irratti xiyyaafatu. 1Henok isaan walakkaan namaa fi walakkaan hafuura uumama ta'an bishaan badiisaan akka du'an dubbata. Dalataanis bishaan badiisaa kan inni dhufe sababa kana irraa kan ka'e ta'uu dubbata. Garuu hafuuroonni qaama hin qabne qaama isaan baatuu barbaadaa jiru.

B. Kakuu moofaa keessa maqaa adda addaa kan qaban jinni fi diina kan ta'an hafuura xuraawwan jiru.
   1. Satyrs Satiyers (waaqa tolfamoo yookaan jinni mataa qabu (BDB 972 III), Lew. 17:7, 2Sen. 11:15)
   2. Shedim Sheediim (BDB 993) _ Kes. 32:17, Far. 106:37, aarsaan kan isaaniif aarfamu (Molook molech wajjin wal fakkaataa dha)
   3. Lilith liklis (BDB 539) (dubbartii jinni galgalaa, Isa. 34:14 kutaa himtee Ugariti fi Baabiloon kan ta'e)
   4. Az'azel Azaazel ganeen lafa honaa (1Henok 8:1; 9:6; 10:4-8; 13:1-2; 54:5; 55:4; 69:2) – Lew. 16:8,10,26

C. Kan kakuu moofaa Waaqa tokkoo (monotheism) himtee ormootaa callisee darbeera garuu al tokko tokkoo moortuu isaanii maqaa laateefi (barreefama dubbii dachaa) dhugaa kan hafuura hamaa suuta suuta mul'achaa kan dhufe yeroo ta'u kakuu haaraa keessatti ergamaadhaan/seexana ta'ee mul'ateera.

▣**"Diini isaa biyyoo arraabu"** kun kan faayidaa (baha dhi'oo durii) suuraa dha (jechuun, boca keenyanii fi suuraawwan) tokko gara lafaatti gadi gala galchee (lak. 9 a). Kanaafis "Biyyoo arraabuu" ciigoon barreefamaa kan jedhu itti dabalameera (BDB 535, KB 525, *Piel* IMPERFECT, Isa. 49:23; Mik 7:17) kun immoo mo'amuu isa tokkoo gadi jechuu isaa kan argisiisuu dha.

**72:10 "Tersesh"** maqaa bakkaati (BDB 1077) argisiisuu danda'a

1. Magaalaa kibba Ispeenitti Atilantiki kan jedhuun argamuu dha, innis bittaa warra Fiinqee jala kan ture (jechuun, Tersis, lak. 7)
2. Sardaniyaa biyya bishaan gidduu (Uma. 10:4)
3. Qarqara garba Kaaba Afrikaatti magaalaa argamu (Karteeji bittaa warra Fiinqee jala kan ture)
4. Buufatni galaanaa fagoo ta'ee fakiiduu ittiin waamamu
5. Guddaa kan ta'ee gosa doonii daldalaa
6. Biyya dorgomiin daldala doonii keessatti adeemsifamu (1Mot. 10:22)

▣ **"Biyya bishaan gidduu"** jechi kun (BDB 15 I) hiikni isaa guyyaa guyyaa "daarii galaanaa" yookaan "biyya bishaan gidduu" ti. Innis biyyoota fagoo jiran argisiisa (Isa. 40:15; 66:19; Erm. 25:22; 31:10). Kunis aanguu kanaa fakkii wajjin wal sima (jechuun, kan Masihii bittaa wali gala).

▣ **"Saaba"** kun Kaam irraa kan ta'e saba yookaan gosa argisiisa, kibba Arabiyaa kan jiraatu.

▣ **"Sheeba"** kun kan inni argisiisu bakka Kaaba Afrikaati, yeroo hundaas Gibxii fi Kuushin kan argisiisa (Isa. 43:3, 45:14). Maqaan bakka kana eeruun kan lak. 8 fi 11 qabiyyee mirkaneessuuf.

## MACAAFA FAARFANNAA 72:12-15

**12 Inni nama dhabee isatti iyyatu, gadadamaa**
**Nama isa gargaaru hin qabnes in oolcha*.**
**13 Inni isa dadhabaadhaa fi isa wanta barbaachiisu**
**Dhabeef in oo'a; jireenya warra wanta barbaachisu**

**Dhabanii inni in oolcha.**
**14 Lubbuu isaanii cunqurfamuu, humnaan irratti**
**Ka’uu jalaas in fura, dhiigni isaaniis isa duratti**
**Gati jabeessa!**
**15 Mootichi bara dheeraa ha jiraatu, warqeen biyya**
**Sheebaa isaaf haa kennamu, kadhanni isaaf yeroo**
**Hundumaa haa godhamu; eebbis guyyaa guutuu**
**Gadi isaaf haa roobfamu!**

**72:12-15** lak. 12-14 IMPERFECTS bittaa Masihii qabateera ( bifa JUSSIVE faayidaa irra kan hin oole). Ta’us, lak. 15 irratti NASB gara IMPERFECTS fakkaata, bifa JUSSIVE faayiidaa irra kan oolan.

Maqaawwan saba Waaqayyoo fi amalawwan irratti garaagarummaa jiru hubadhu (lak. 2-4) .

1. Rakkataa, lak. 12
2. Gidiramaa, lak. 12
3. Hiyyeessa, lak. 13
4. Rakkataa, lak. 13

Lak. 4 dinoota isaanii “hamaa” jedhee akka mogaasse, isaan kun isaan kan isaan ibsan “Hamootaa” fi “Finciltoota” kan jedhuuni dha. Namoota kana faarfannaa irratti ibsuudhaaf (gargar baasuun) rakkisaa dha.

1. Isra’eelota in amanamne
2. Ollaawwan waaqa tolfamaa waaqeessan
3. Wereertoota biyya ormaa

Faarfannaa irratti ibsuun (adda baasuun) rakkisaa dha

1. Rakkataadhaa fi gidiramaa ni fayyisa
2. Hiyyeessaa fi rakkataadhaaf garaa laafa
3. Jireenya nama rakkataa in oolcha (Far. 69:18)
4. Saba kakuu isaa hamaa fi fincilaa jalaa ni oolcha
5. Dhiigni/jireenyi isaanii fuula isaatti kan ulfaatee dha (Faru. 116:15)

**72:14 “Dhiigni isaanii fuula isaaniitti kan ulfaatee dha”** Masihii “hamaa” wajjin faallaadhaan ilaaleera (lak. 4). Inni hiyyeessaaf, rakkataaf gidiramaaf qajeelummaan of eeggata (Far. 116:15). Inni laphee uumaa qaba (Uma. 1:26;27)! Namoonni hunduu isaaf kan fayyadanii dha!

**72:15** lakkoofsi kun tuqaa lama qabu.

1. Gochamoonni dursan lamman mootii Masihii wajjin walitti dhufu
   a. Ni jiraata __ BDB 310, KB 309, *Qal* JUSSIVE
   b. Kennaas ni kenna __ BDB 813, KB 933, *Hithpael* IMPERFECT JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Gochamichi lamaan itti fufan saba isaa wajjin deema
   a. Yeroo hundumaa waa’ee isaa in kadhatu– BDB 813, KB 933, *Hithpael* IMPERFECT JUSSIVE bifa kanaan faayidaa irra kan oole
   b. Yeroo hundumaa in eebisu– BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT JUSSIVE bifa kanaan faayidaa irra kan oole

Lakkoofsi 15a kan baratamee ibsa mooti qabachuun isaa ifaa dha (jechuun, “mootiin bara baraan haa jiraatu”), haa ta’u malee hiika haaraa fudhata, haala mul’ata kakuu haaraan, foon uffachuu Masihiichaa fi mo’ichaan gara Yerusaalam seenuu wajjin!

## MACAAFA FAARFANNAA 72:16-17

**16Biyyicha keessa miidhaan baay'atee irraa haa hafuu**
**Hamma bantii tullootaattis gobbattee haa biqilu;**
**Iji inni kennus akka kan Libaanoon haa bargaagu;**
**Namoonni mandara keessaa, akka marga lafaa haa daraaran!**
**17Hamuma biiftuun jabaattee dhaabattutti, maqaan isaa**
**Bara baraan haa jiraatu! Maqaan isaa bara baraan**
**Haa guddatus! Sabni lafa irraa guutummaatti maqaa**
**Isaatiin of ha eebbisan, "Inni eebbifamaa dha"**
**Ittiin haa jedhan*!**

**72:16-17** Lakkoofsi lammanuu 16 fi 17 kan isaan eegalan JUSSIVE VERB irraati, kunis akkaataan yaada barreefamichaa IMPERFECT VERBS akka hiika JUSSIVE ti akka ilaalu kan dandeesisan, isaan lakkoofsota kana lammaniin.

Aanguun kun itti fufa, lak. 3, 5-6 irratti kan jalqabame ergaa eebbaa. Eebbi kun kan Leewota 26 fi Keessa deebii 27-30 abdii kakuuti.

Lak. 17 kan inni irratti xiyyaafatu bittaa Masihii irratti.

1. Maqaan isaa bara baraan jiraata __ YHWH f faayiida irra kan oole Far. 135:13
2. Maqaan isaa akka aduu umurin isaa haa dheeratu (72:5-7), "Haa dabalu" gochamni jedhu as qofatti kan inni argamu, kakuu moofaatti ((BDB 630, KB 696, NIDOTTE, lak. 3, p. 1161) LXX "Haa jiraatu" kan jedhu qaba, lak. 17a wal cina
3. Namoonni isaan of haa eebbisan (jechuun, Uma. 12:3, 22:18 kan eeruu dha, kakuun Abirahaam, mata-duree addaa ilaali Faarfannaa 2 seensa irratti
4. Ormoonni hunduu kan eebbifame haa jedhan (lak. 3 wajjin wal cina)

## MACAAFA FAARFANNAA: 72:8-19

**18Maqaan Waaqayyo gooftaa, Waaqayyo isa kan**
**Israa'el, inni kophaa isaa wanta dinqisiisaa hojjetu,**
**Haa eebbifamu*!**
**19Maqaan isaa inni ulfina-qabeessi bara baraan haa eebbifamu!**
**Guutummaan biyya lafaas ulfina isaatiin haa guutamu!**
**Ameen, ammas amen*!**

**72:18-19** Lakkoofsa 17 **(**waa'ee Masihichaa) lak. 18 wajjin (waa'ee Waaqa kakuu Israa'eel) akkamitti wal cina akka ta'e hubadhu. Mootichi, jedhes Masihichi, callaqisa amala YHWH ti.

Qabiyyeen waan hundumaa irra deebiin lakkoofsa 19b irratti hubadhu (Lak. 14:21, 21, Isa. 6:3).

**72:19 "Ameen"** mata-duree ilaali Faarfannaa 41:13 irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA: 72:20

**20Kadhatni Daawiit ilma Iseyi kana irratti**
**Raawwatamu isaanii ti.**

**72:20** Kun yaadannoo qopheessaati, kan faarfannaa kitaaba lammaffaa cufaa kan argisiisu. Ta'uu kan danda'u lak. 18-19 cuftuu galataa ti (41:13, 89:52) kan guutummaa kitaaba lammaffaa.

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun waa'ee Solomoonii yookaan waa'ee Masihii isa dhufuuti?
2. Bittaan Solomoon lak. 8 wajjin wal simaa?
3. Isaan kun jecha qulqulluu kakuu moofaa, waa'ee Israa'el bittaa ormoota hundumaa, kakuu haaraa wajjin akkamitti wal simu?
4. "Gidiramaa" eenyuun bakka bu'aa?
5. Lak. 16 Uumama 12 wajjin akkamitti wlitti dhufa?
6. Lak. 18-19, 20 qaama faarfannaa kanaa yookiis cuftuu kitaaba II?

# FAARFANNAA 73

## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| xumurri nama cubbamaa qajeelaa wajjin fuggina<br><u>seensa MT</u><br>faarfannaa Asaaf | Kan cubbamaa xumura gaddisiisaa fi Waaqayyotti kan amanu eebbifamuu | Firdii Waaqayyoo ittii yaaduu | Firdii Waaqayyoo | Injifannoo firdii |
| 73:1-9 | 73:1-3 | 73:1-3 | 73:1-3 | 73:1<br>73:2-3 |
| | 73:4-9 | 73:4-9 | 73:4-14 | 73:4-5<br>73:6-7<br>73:8-9 |
| 73:10-14 | 73:10-14 | 73:10-14 | | 73:10-12<br>73:13<br>73:14-15 |
| 73:15-20 | 73:15-17<br>73:18-20 | 73:15-20 | 73:15-17<br>73:18-20 | 73:16-18<br>73:19-20 |
| 73:21-24 | 73:21-24 | | 73:21-26 | 73:21-22<br>73:23-24 |
| 73:25-28 | 73:25-26<br>73:27-28 | 73:21-26 | 73:27-28 | 73:25-26<br>73:27-28 |
| | | 73:27:28 | | |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

## AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA

A. Asaaf isa tokkooffaa ogganaa Faarfatootaatti, Daawiit jalatti (1Sen. 25:1-9).

B. Faarfannaan kun walumaagalatti badhaadhummaa cubbamaa haqa ta'uu dhabuu isaa fi waay'ee tolaan rakkina fudhachuu isaati. Innis rakkinicha kan qabatuu firdiin Waaqayyoo isa dhufutti jireenya kana booda argisissuu dhaaf.

C. Faarfannichi ilaalcha aadaa gabbisa babali'isa ("karoota lamaan") jireenya kan ilaalate, Kes.27-28, 30:15-20,Far 1; Pro. 4:10-18; Mat. 7:13-14. Jireenyi haqa qabeessa miti, Waaqayyoo garuu hin qajeelcha!

D. Macaafa Iyoob fi faarfannaa 37 rakkoo wal-fakkaataa argisiisa. Garuu jireenya kanaan, faarfannaa 73 kan ilaalatu haala Maatiwoos 25 tiin.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALE**

## MACAAFA FAARFANNAA 73:1-9

**1Waaqayyo saba Israa'eeliif, warra garaan**
**Isaanii qullaa'aa ta'eef dhuguma gaarii dhaa!**
**2Waa'ee kootiif yoo ta'e garu, miilli koo**
**Bitintiree kufuu ga'eera, ejjenaan koos**
**Mucucaachuuf xinnootu hafe.**
**3Warri jalloonni nagaati jiraachuu isaanii**
**Yeroon arge, warra of jajan kanatti weenna'en ture*.**
**4Isaan dhiphina hin qaban,**
**Dhagni isaanii fayyaadha, gabataadhas;**

**73:1 "Isiraa'elii fi Waaqayyoo akkamitti arjaa akkamiiti"** "gaarummaa"(BDB 373 II, Lak.9)"arjummaa" dha (Far. 86:5; 145:9; Faru.Er. 3:25).Kun kan faarfannaa waligalaati ta'ees yaadi hundee Kakuu Moofaa, haa ta'uu malee namnii hundumtuu Isiraa'elitti amantaa kan qabu miti (Rom 9-11). Waldaa kiristaanaattis kana kan fakkaatu ta'uu danda'a (Mat. 7,13). Kan hin baramin dhugummaan gaalee kan faarfannaa 73:15, Isiraa'el amanama calqiisiisuu danda'a.

Hiika itti dabalame ilaali, Waaqayyoo dhaaf "gaarummaa"

1. Inni hundumaaf gaariidha (Far.45:9)
2. Gaarummaan dursee kan ta'u maqaa isaa kan waammatan irratti (Far. 86:5)
3. Inni gaaridha, inni mataan isaa (Iziraa 3:11,Far 100:5, 106:1, 118:1,29, 136:1,Erm. 33:11, Nah.1:7)

Eebbi Isiraa'el kan irratti hunda'e

1. Kayyoo oolchuu bara baraa Waaqayyoo,sanyii Abirahaamiif (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH)
2. Walitti dhufeenya amantii duuka buutota isaa fi abboomamuu kakuu
3. Eebba foonii yeroo gabaabaa (Rome. 8:18-25) waliti dhufeenya yeroo gabaabaa wajjin wal hin madalan (Rome. 826-30, 31-39)! Wal argisiisa dheeraa fudhachuu keessan mirkaneeffadha! Haalonni batalumatti dogogorsuu danda'u!

▣ **"Israa'eliif"** NRSV fi REB, akkasumas warabiin Katoolikii NAB "Israa'eeliif" לישראל kan jedhu (BDB 975) to "Waaqayyoof qajeelaa kan ta'e" אללישר (BDB 449 dabalataanis BDB 42 II, lak.6).

▣ **"Garaa qulqulluu"** kun kan inni calaqqisiisu kakka'umsaa fi yaada keessaati (Far. 24:4-5, 51:10, Matt. 5:8)

**73:2**
**NASB** **"dhi'oo"**
**NKJV, NRSV,**
**JPSOA** **"kan dhi'aate"**
**TEV** **"kan dhi'oo"**
**NJB** **"bakkicha ti"**

Kun maqa-dhaal Ibirichaa BDB 589 callaqisiisa. Innis amantii faarfatichaa dhugaatti kufuu isaa ifatti argisiisa! Innis Waaqayyoo wajjin kan inni qabu amanannaa, waabdii, fi sadarkaa nagaa dhabuu gahuu isaa argisiisa. Kufatiin amantii qabiyyeen isaa

1. Badiisa abdii fida
2. Burqaa jabinaa fi guddinaas

Hundi keenya ni beekna lamanuu keessa tokkoo namoota baratan ni beekna!

▣ **"Gufachiisaa…Mucucaachisaa"** kun fakiidu kitaaba qulqulluuti, tooftaa jireenya. Karaan qajeelaan mijataan tola dha (Far. 40:2), garuu jal'aan, karaan mucucaataan cubbamummaa dha (Far. 73:18, Fak. 3:23) . Jireenya keessatti filaannoowwan lamman "karawwan lamman" kan jedhamanii dha (jechuun, Far. 1 fi Kes. 30:15-20).

"Mucucachuu" jechi jedhu kan hiikame akkuma jirutti "Dhangala'uu" kan jedhuu dha (BDB 1049, KB 1629, *Qal* PASSIVE PERFECT). As qofatti hiika kan inni qabaatu (wal cinaan sararrii ciigoo kan ibsame, "Gufuu" kan jedhuun) bakka ofii irraa mucucaachuu.

Faarfannaa73:3 naannoo rakkinicha ibsa (jechuun, weenna'aa, inaafaa).

**73:3 "Nagaa cubbamootaa ….hamootatti hinaafeen ture"** addunyan kun haqa qabeessa miti. Kan jiru addunyaa kana qofa osoo ta'e, Waaqayyo haqa-qabeessa miti!

"Garaan isaanii qulqulluu kan ta'e" Far. 73:1 jireenyatti haqa-qabeessa ta'uu dhiisuun qoramaniiru. Yaada jala sararame, akka itti faraduuf Waaqayyo heyyamuu isaati! Mata-duree addaa ilaali: Waaqayyo namoota ofii isaa ni qora.

**73:4-9** lakkoofsonni kun kan isaan ibsan Far. 73:3 irratti namoota eeraman tooftaa jireenyaati (jechuun, hawaasni kakuu of-jajaa fi badhaadhaa, namoota cubbamoota).

1. Yeroo du'anitti dhiphachuun hin jiru
2. Nyaatni isaanii gaarii dha, Far. 73:b, 7a
3. Rakkina alaan argamu hin qaban
4. Of-tuulummaatu isaan qabate, Far. 73:6a,8b
5. Hameenyaan hojjetu, firdii malee
6. Hamaa kan yaadanii fi kan hamatan
7. Hojii isaanii isa hamaa of-tuulummaan hojjetu, fuula Waaqayyootti illee,73:11

Kan Waaqayyoo kakuu moofaan (jechuun, Lewoota 26, Kes. 27-30) badhadhinni eebba Waaqayyo irraa ta'ee dha, amantiidhaa fi abbomamuudhaaf (Far. 73:10), namoonni kun garuu barrefamoota sana kan qoosa godhaniiru!

**73:4 "Isaan yeroo du'an dhiphina hin qaban"** kunis (1)Hawaalcha aboo qabuutu godhamaaf yookaan (2)Duutii isaanii hariifataa fi dhiphina kan in qabne jechuu dha.

▣ **"Dhiphina"** jechi Ibirootaa kun (BDB 359) yeroolama qofa kakuu moofaatt faayidaa irra kan oole, baay'ee bifa adda addaatiin.

1. "Siibila miilaa" yookaan "Hidhaa" __ 58:6 (lak. Qeenxee)
2. "Dhiphina" __Far. 73:4 (kan lak. Baay'ee)

NET kitaabni qulqulluun kan inni jedhu:

"Haala fakiiduutiin dhiphinaa fi rakkina fudhachuuf oola, gammachuu jireenya isa tokkoo kan ibsu" fuula 941).

Yaada bal'aa tendellee Derik Kidireniin (fuula 289, yaadannoo miila jalaa lak.2) RSV wajjin wal simata, "Du'a saaniitiin" למותם, kan jedhu gara jecha lamaatti תם למו jijjiiruudhaan, bu'aan isaas "Tokko illee yaaluu <u>isaaniif</u> hin barbaachiisu, qaamni isaaniis <u>nagummaa</u> fi haala gaariidha.) Kunis NRSV fi REB hordofa

▣ **"Qaamni isaanii coomeera"** isaan dhukkubni kan isaan tuqee hin fakkaatu,. Yookaan kan baratan rakkoo jireenyaa, (jechuun, qaama fayyaa, jecha Ibirotaa [BDB 17 I]) as qofatti kan argamu.

**73:5**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"akka namoota kan biraa rakkinaan in ta'aan"** |
| **NJB** | **"rakkoo carraa namootaaf ta'e irraa hafaniiru"** |
| **JPSOA** | **"rakkoon namoota irra ga'u isaan hin argatu"** |

Hamoonni rakkoo jireenyaan baratame irraa kan eegaman fakkaatu. Kun dursee, gocha Waaqayyoo fakkaata. Kun rakkoo og-Waaqummaati, "karaa lamanuu" wajjiin kan wal qabate (Iyoob, Faru. 73).

▣ **"Adaba"** jecha kana (BDB 619, KB 668, *Pual* IMPERFECT) yeroo hundumaa faayidaa irra kan oolu adaba Waaqatiif (Uma.12:17; 2 Mot. 15:5; 2 Sen. 26:20; Isa. 26:5; Iyob 1:11; 2:5). Innis kan fakkaatu kan Waaqayyoo jech mataa isaa (jechuun, Lew. 26, Kes. 27-30, Faru. 1) waa'ee isa hamaa kan jedhaman akka hin taanee dha. Faru. 73:14 irratti jecha wal fakkaataan faayidaa irra ooleera, faarfattichaaf gadda samuu, shakkii mataa isaatiin kan uumame.

**73:6** shaakala jireenya isaanii irraa kan ka'e (Faru. 73:4-5) of-tuulaa, badhaadhaa, kakuu kan diigan sirriitti nii jiraatu, fakkeessuu dabalatee, jireenya isaanii gaarii hin taane (Faru. 73:6-9).

**73:7**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"iji isaanii cooma waan ta'ef ba'e"** |
| **TEV** | **"lapheen isaanii hameenya burqisiise"** |
| **NJB** | **"cooma isaanii irraa hameenyatu ba'e"** |
| **LXX** | **"haqa dhabuun isaanii cooma irraa akka waan ba'eetti deema"** |
| **Peshitta** | **"yakki isaanii in ba'a akka dibata coomaatti"** |
| **JPSOA** | **"iji isaanii coomaan haguugameera"** |

"Yakkamtummaa" yaadni jedhu LXX, Syriac, Peshitta, fi Vulgate. Pirijektii barreefama UBS (fuula 314) "Ija isaanii" kan jedhu sadarkaa "c" laata (jechuun, shakkii ta'u).

"Yakka" עובמו

"Ija isaanii" עיבמו

"Ijawwan" Faru. 73:7 akkaataa yaada barreefamichaatti wal cina wajjin haala fooya'aadhaan wal simata.

**73:8 "Qoosuu"** kun wali gala jecha Arabootaa (BDB 558, KB 559) as qofatti kan uumamuu kakuu moofaa irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA 73:10-14

**10Kanaaf sabni Waaqayyoo illee isaanitti in gora,**
**Waanuma isaan jedhanis safara malee akka bishaanii in dhuga.**

**11 Isaan immoo, "Waaqayyo attamitti beekuu danda'a ree?**
**Isa hundumaa gararraa biras waa beekuun jiraa ree?" in jedhu*.**
**12 Ilaa! Jaloonni warra akkasiiti, yeroo hundumaa of irraa bu'anii**
**Jiraatu, jabaachaas in adeemu.**
**13 Yoos immoo ani ofummaan garaa koo qulqullinatti eeggachuuf**
**Dhama'ee ree? Yakka akkan hin qabne argisiisuufis ofumaan harka**
**Koo dhiqadheeree*?**
**14 Guyyaa Guyyaatti dha'ichi anatti bu'eera, ganama ganamas**
**Adabamuun na eeggata ture.**

**73:10** lakkoofsi kun MT n amansiisaa miti. Dhangala'I akkaataa yaada barreefamichaa kan inni argisiisu

1. Namoonni hamoon kara sirriin namoota kakuu kan biroo irratti dhiibbaa geesiseera (Aadaan Katoolikii CCD kan inni yaadu Far. 73:10 Israa'eeloota hamoo irraa kan eerameedha)
2. Hamoonni wanta gaarii hundumaa ofii isaanitti saamu
3. Warri hamootni duuka buutotni waan isaan qaban hundumaa amanu ((NIDOTTE, lak. 2, fuula. 1065)

Bu'uruma irraa faarfattichi kun bittaa isaati galuu dha. Inni kan arge of-tuulaa, arrabsaa, namoota kakuu hundumaas fayyadama kakuu fi eebba yeroo fudhatani dha! Sababa kanaaf gaaffii kan inni gaaffatu, Faru. 73; 13! 'Akkas yoo yoo ta'ee … achi irraas" kan jedhuu kakuu Musee (jechuun, Lew. 26, Kes. 27-30) bu'aa homaa kan qabu hin fakkaatu. Lafti "gubaa irraa gaditti gala galle" fakkaata.

AB, NET kitaaba qulqulluu duukaa bu'ee kan inni jedhu sarara jalqabaa foyyessaa akka ta'e dha. Isaan "Saba isaa deebisee isaan fida" (MT) kan jedhu gara "Nyaaticha in quufu," ti jijjira, innis sarara fooyya'aa wal cinaa kan ta'e.

**73:11 "Waaqayyo akkamitti beekuu danda'a"** cubbammaan ifaa kan ta'ee of-tuullummaa fi arrabsii YHWH irratti argisiisa (Far. 73;9).

Qayyabannaa macaafa qulqulluu Yihudootaa luqisii ajaa'ibsiisaa qaba (Fuula 1362).

> "Yeroo duritti falaasama Waaqayyo hin jiru jedhu kam iyyuu hin turre, yaada Waaqayyoon beekuu dhiisuu fi humna- maleessaa qofa malee" (faru. 10:4, 11, 13, 94;7).

Kan akka kanaa dursa beekumsa dhabuu kan mirkaneessuu ammayyumaan "Open Theism" kan Waaqayyoo dabalataan ni ta'a. Ani dhuunfaa kooti kanan yaadu kan Waaqayyoo barreefama kakuu moofaa abshalummaa isaa akka fudhatee dha (jechuun, Waaqayyo gaaffiiwwan yoo gaaffatu, Uma.3:9) isa qabatee barreefama kitaaba qulqulluu hundumaa akka calaaltuu godhee fayyadama. Innis fooyya'ee "Theism fooyya'ee" bifa qabateera, Alfordi Norzi Wayitidi irraa.

▣ **"Inni guddaa"** kun maqaa waamichaa Ibirootaa Eeliyooni dha (mata-duree addaa ilaali: maqaa hafuuraa). Innis Uumama 14 irratti faayiidaa irra ooleera (jechuun, maqaa Melkeshedeq hafuuraaf) yeroo afur, fi yeroo digdami tokkoo faarfannaa irratti, yeroo ja'a qofa kan hafee kakuu moofaa irratti.

**73:13 "Yoos immoo ani ofummaan garaa koo qulqullinatti eegaa ree"** kun shakkii faarfatichaa calaqqisiisa, waa'ee gaarummaa Waaqayyoo fi haqummaa isaa, "rakkoo koo" haalaa wajjin wal makee. Kun guutuu guutuutti yoo ta'u baate kan inni callaqisiisu "anaaf maal qabaata" ilaalcha jedhu ajjin (Iyoob. 1:6-12).

Kun haala og-Waqumatiin seexanni Iyoobiin kan komate wajjin kan wal fakkaatuu dha, innis Waaqayyon kan tajaajilu Waaqayyo waan isa eebbiseef waan isa eegeef kan jedhuu wajjin (jechuun, waa'ee simboo amantii.)

Kan kakuu moofaa "karaan lamaan" galagaltoo waan ta'an fakkaatu! Kunis bakka isaati "Duuka buutoota amananmmoo" yaadachuun kan isaan irra jiraatu, addunyaa kufeetti akka jiraanu. Addunyaan

kun Waaqayyo akka inni ta'u kan barbaade miti. Kayyoon kakuu moofaa namootatti hameenya isaaniiti fi cubbuu isaanii argisiisuu ture (Gala. 3)!

Gaarummaadha fi amanamummaan kan kolfaatii fi tufii addunyaa kufe irraa fida (Matt. :10-16), haa ta'uu malee guyyaan haaraan dhufaa jira (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:32-38).

▣ "**Dhugumatti"** ADVERB (BDB 36), "shakkii" Far. 73:13 faayiidaa irra kan oole , Faarfannaa 73:18 irratti kan mirkaneessuu ta'eera! Faarfatichii jireenya tolaa akkasumaan hin jiraanne , akkasumas cubbuu kan facaasan in haamatu (Iyoob.34:11; Far. 28:4; 62:12; Fak. 24:12; Lal. 12:14; Erm. 17:10; 32:19, barreefama kakuu haaraatiif yaada bal'aa guutuu Gal. 6:7 sarara weeb sayitin).

▣ **"Harka koo qulqullummaadhaanan dhiqadhe".** Hiiki kun dhugumatti ni danda'ama,

1. MT seensa Faarfannaa 73
2. Kun fakkaatii Lewootaati
3. "Carraa" kan jedhu jecha aarsaa Faru. 73:26 irratti hundaa'uudhaan.

Barreesichi Leewoota yookaan luba ta'uu danda'a. harka dhiqachuun seera waaqeffannaa mana qulqullummaa ture.

Ta'us, ciigoochi hiika bal'aa fudhata "jireenya gaarii" (Kes. 21:6, Faru. 26:6), akkasumas Uma. 20: ciigoo ilaali.

**73:14** "Guyyaa guutuu" kan jedhuu fi "ganama ganama" kan jedhu gidduutti wal cina qabu, lammanuu yeroo fi sa'aati dheerate ciigoo ta'uu isaaniitiin (jechuun, bara jireenyaa). Faarfatitichi jireenya amanamummaa qabaachuu isaa mirkaneesseera.

Gaalee PASSIVE VOICE kanaa "kanan reebaman ta'e" (BDB 224, K 243, *Qal* BDB 619, KB 668, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE) jechi hojii irra oole keeyata wajjin wal makee kan inni argisiisu Waaqayyo jechaa cubbamootaa fi yaada isaanii heyyamuu yookaan dhiisuu miti, garuu faarfatticha amanamaadhaa fi isa of-tuulaa, arrabsituu, hiriyaa kakuu hin amanamne irratti godhamuun kan irra jiru gochuu malee! Kun dhoksaa barbaachiisaa dha addunyaa kufeetti. Addunyaan kun Waaqayyo akka inni ta'u kan inni barbaade miti. Wanti Waaqayyo biraa hin taane ni ta'a. kakuu moofaa irratti tokkummaa jabeessuudhaaf sababa tokko qofatu jira (Lal. 7:14, Isa. 45:7, Amos. 3:6) haa ta'uu malee ibsa itti fufeenya qabu dhimmi isaa sana akka hin taane in hubanna. Waaqayyo ni heyyama uumama isaa jaallatamaa Seeri Uumamaa 3 bu'aa hammaataa akka haammatuuf. Oduu gaarii

1. Inni yeroo isaa isa dhumaa ni murteessa (jechuun, bara haaraa)
2. Inni nu wajjin jira, gidduu irratti (Faarfannaa 23)

## MACAAFA FAARFANNAA 73:15-20

**15Utuun "Akkuma isaanii nan dubbadha" jedheera**
**Ta'ee, dhaloota ijoolleen kee keessa jiran biratti amanamu**
**Dhabee, isaanis akka garagaggalan nan godhan ture.**
**16Yeroo ani kana hubachuuf jedhee itti yaade immoo,**
**Rakkisaa ta'ee anatti argame.**
**17Hamma ani mana qulqullummaa Waaqayyootti galee,**
**Jarri sun gara dhumaatti maal akka ta'an hubachuu**
**Bira ga'eetti, na rakkise.**
**18Dhuguma iyyuu ati lafa mucucucaatu irra isaanin dhaabachiifta,**
**Kukufanii akka caccabanis in goota.**
**19Attamitti battalatti badiisi sodaachisaan isaan irra ga'e,**
**Attamittis dhidhimanii naasuu guddaadhaan xaph jedhan!**

**[20]Akka waan abjuudhaan arganii yeroo dammaqan dhabamuu,**
**Akkasumas yaa gooftaa, ati yommuu kaatu, bifa isaanii akka**
**Waan hin jireetti in ilaalta.**

**73:15-20** Aanguun kun kan faarfannaa kanaa laphee og-waaqummaa (isa guddaa) dha. Tuqaallee gurguddoo hubadhu.

1. Duuka buutootni amanamoon shakkii isaanii fi fajjaa'uu yeroo ibsan amantoota kan biroo irratti dhiibbaa isaanii dhaqabsiisuu danda'u.
2. Waaqayyoo wajjin tokkummaa ta'u bakka fi yeroo waan nu fajjessee irratti nagaa fiduu danda'a.
3. Badhaadhinni cubbamootaa yeroo gabaabaadhaaf, Waaqayyoo wajjin fuulaa fuulaatti yeroon dhi'aatti dhugumatti ni dhufa (Far. 73:27).

Kanas kan mirkaneessuu "karaawwan lamman" sichi gatii akka qabanii dha! Waan facaafne haammanna!

**73:16 "Kana akkaan beekuuf yeroon yaadu"** karaa Waaqayyoo dandeetiin hubannaa keenyaa, kan kufeen, kan biyya lafaan, yeroos beekumsa namaa murtaa'ee gara kufaatitti geessa (Fak. 3:5b, Isa. 55:8-13, Qola. 2:8). Beekumsi gaarii dha, amanuun garuu ni wayya!

**73:17 "Gara mana qulqullummaatti amman galuutti"** "Mana qulqullummaa" jechi jedhu (BDB 874) kan lakkoofsa baay'eeti, inni guutuummaa naannoo mana qulqullummaa kan ibsu yookaan baay'ina simboo isaati. Waaqefannaan faarfaticha gargaareera ifatti akka arguuf. Yeroo qabsoo isaatti kana waan callise fakkaata.

▣ **"Xumura isaanii amma yaadadhuutti."** Mul'atni dhufeera ijni isaas fakkii guddaadhaaf banameera _ innis fageesse arge, lammanuu yeroodhaan ta'e, yeroodhaanis darbe.

**73:18-20** Bu'aan hameenyummaa du'a sodaachiisaa qofa miti, garuu immoo sodaachisummaa isaa bara baraati malee ( Matt. 25:31-46; Luk.16:19-31; Mul. 20:11-15).

**73:19** jechi "Badiisa" jedhu (BDB 117) kan inni argisiisu du'a dha (Iyoob. 18:11,14). AB Faarfannaa irratti , Mitichel Dawod jechoota Ibirootaa baay'ee fi cigoowwan argateera, fayyadama Ugaretik irraa kan ka'e fakkii daangaa galaana jiru kan ta'u.

**73:20 "Yeroo dammaqu"** walingaa fi gochama ( בעיר , BDB 734, KB 802, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT) sirreefameera (LXX, Peshitta, Valget) gara "magaalaa" ( עיר , BDB 746 II). Kunis kan inni argisiisu

1. "Magaalaa hafuuraa xuraawaa" (AB, jechuun, si'ool)
2. Waabii Yerusaalem (jechuun, argamuu Waaqayyoo keessatti hin qabamne, cubbuudhaaf/yookiis ari'atamaan)

Waaqayyo hirribaa damaquu yookiin hojiidhaaf teessoo isaa irraa ka'uun yaad-rimeen kakuu moofaatti faayida irra kan jedhu akka qooqa fakiiduutti dha, kan Waaqayyoof ifaa kan ta'e iccitii hojjechuu dhiisuu yookiin/ fi haalli lafa irraa haqa qabeessa ta'uu akka dhiisuu dha. Waaqayyo ofi isaa mul'iseera ta'us garuu abdiiwwan isaa fi haala namootaa maaliif adda ta'uu danda'an?

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"boca"** |
| **NKJC, NJB, JPSOA** | **"fakkii"** |
| **NRSV, LXX** | **"hafuura hamaa"** |
| **Peshitta** | **"waaqa tolfamaa kan waaqeessan"** |

Jechi kun (BDB 853) yeroo lama qofaadha kakuu moofaa irratti kan inni ta'u (asitti fi Faru. 39:6 irratti). NIDOTTE, jildi. 3, fuula. 810, kan jedhu inni kan inni ibsu fakkii yookaan gaaddiduu dha. Innis kan inni dhufe faayidaa irraa (baha dhihoo durii) jalatti "dukkana," "guraacha" dha (bifni kan biraan kan ta'u "bowwaa gaddiduu du'aa," Faru. 23:4).

**MACAAFA FAARFANNAA 73:21-24**

**21 Yommuu jireenyi anatti hadhaa'e, yeroo onnee na tumates,**
**22 Ani nama gowwaa, nama waa hubachuu hin dandeenye ta'ee,**
**Si duratti akkuma horii marga dheeduun ture.**
**23 Haa ta'uu iyyuu malee, ani yeroo hundumaa si biratti**
**Nan hafa atis harka koo mirgaa in qabda*;**
**24 Ati gorsa keetiin ana in geggeessita, kana booddees**
**Ulfinatti ana in fudhata*.**

**73:21 "Keessatti"** kun akkuma jiruutti "kaleewwan" dha (BDB 480). Ibirichi kan inni argisiisu kan garaa kutaa gara gadiiti, bakka jireenyaa miiraa (Iyoob 19:27, Fak. 23:16) fi sosochii sammuu (hojjiin) (Faru. 16:7).

**73:22** Bineensoonni miira homaa hin qaban. Namoota bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti kan uumaman (jechuun, Uma. 1:26-27). Isaan qofadha miira safuu kan qaban. Mukti hamaa fi gaarii ittiin beekan Edeen Ganatiiti safuu bitaa namatti galuu kana xiyyaafannoo itti kenne (Uma. 3:8-13). Tokko "bineensa" jedhee waamuun hiikni isaa safuu miiraa kam iyyuu kan argisiisu yookaan kallatti hin qaban jechuu dha, akka bineensaa akkasumaan jiraatu (jechuun, fedhii isaanii batalatti yookaan hawwa isaanii argachuuf). Faarfatichi itti dhaga'ameera, shakkii isaa fi hinaafaan isaa Waaqayyoon akka hin beekne akka hojjetu akka godhe (jechuun, Faru. 73:21-22). Namoonni hunduu kana kan fakkaatan "ta'uun kan irra jiruu gadi" miirawwan ni darbu. Amantootni dhugaan yeroowwaan kanatti ni ba'u, jabaa fi amansiisaa gara isa ta'ee araara fi argamaWaaqayyoo isa guddaa! Barbaachiisoo kan hin fakkaannee haaloonni gara amantii guddaatti dhagaa ittiin ol ba'an <u>ta'uu</u> danda'u!

**73:23-24** Eebbawwan Waaqayyoo:
1. Argama isaa jireenya keenyatti (Far. 73:28a)
2. Geggeesummaa isaa guyyaa guyyaa (jechuun, kan faarfatichaa "harka mirgaa" qabeera)
3. Kan isaa amma fudhachuu
4. Kan isaa fudhachuu bara baraan (yaadannoo ilaali Faru. 73:24 irratti)

Amantiin gara boodaa yeroo ilaaluutti, inni harki Waaqayyoo gabaabate arga. Amanamummaa fi araara darbe duuka bu'aa amanamaaf abdii fi amanannaa kenna, kan itti aanuuf argamuu Waaqayyootii fi abdii!

**73:24** Hiiktootni of-eeggachuutu irra jiraata, mul'atawwan kakuu haaraa gara waan hiiki isaa ifaa hin taaneetti barreefama kakuu moofaa tilmaamaan akka hin fudhatamne. Barreefamni kakuu moofaa jiru gara abdii fuulduraatti kan argisiisan, jireenya qaamanii Waaqayyoo wajjin. Ta'us, barreefamni kun isaan sana irraa isa tokko ta'uu hin danda'u.
1. "Ulfina" jechi jedhu (BDB 458) gara waaqaatti hin argisiisu, kakuu moofaa irratti bakka kamitti iyyuu (yaadannoo UBS kitaaba fuula 642, duubessa yaada bal'aa IVP fuula 540 ilaali)
2. "Gara" waliingi jedhu barreefama irratti hin jiru (waliingi homtuu hin jiru). LXX "Wajjin" argisiisa.

3. “Ulfina”  “kabaja” argisiisuu danda’a (JPSOA, NRSV, Peshitta) cubbamaa irraa kan ta’e fakkaata, haa ta’u malee dhugummaan isaa, faarfaticha wajjin

Karaa biraan

1. “Fudhachuu” gochamni jedhu (BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERFECT) Henokiif faayiidaa irra kan oole Uma. 5:25 irratti, innis gara argama Waaqayyootti, akka Eliyaas (2Mot. 2:3, 10-11)
2. “Isa booda” dabal gochamni jedhu (BDB 29) Far. 73:24 irratti ta’a, innis kan wali gala isaa haala kan argisiisu kan fakkaatu
3. “Waaqa” (BDB 1029, mata-duree addaa lama ilaali: waaqaa fi mata-duree addaa: waaqaa fi samii sadaffaa) Far. 73:25 irratti eerameera
4. “Bara baraan” jechi jedhu Far. 73:26 irratti dhiibbaan faayidaa irra ooleera, “sirraa kan fagaatan in badu” kan jedhu wajjin

Abdiin duuka buutoota hundumaa Waaqayyo wajjin bara baraan ta’uu isaaniiti (Faru. 23:6, 27:4-6). Innis “kan eessaa” gaaffii miti ta’us garuu “kan eenyuu” gaaffii malee! Namoonni kan uumaman tokkummaa Waaqayyo wajjin akka qabatanii dha, kan biraan homaa gochuuf osoo hin taane!

## MACAAFA FAARFANNAA 73:25-28

**25Waaqa irratti si malee eenyuunan qabadharee?**
**Lafa irrattis si malee maallan eeggadharee?**
**26Foon koo, keessi namummaa koos yoo gadi dhuman**
**Iyyuu, Waaqayyo gara koo in jajjabeessa, bara baraanis**
**Qooda anaaf in ta’a*.**
**27Kunoo, warri si irraa fagaatan in balleefamu, warri**
**Amanamuu dhiisan kan biraatti goranis ati in fixa.**
**28Waa’ee koof yoo ta’e garuu, Waaqayyotti dhi’aachuun**
**Anaaf gaariidha; yaa Waaqayyo gooftaa, hojii kee**
**Hundumaa himuudhaaf, ani da’oo si godhadheera.**

**73:25 “Lafa irrattis si malee maallan eeggadha ree?”** Waaqayyo ofii isaa hawwa keenya isa guddaa dha! Kan uumamneef isaa wajjin tokkummaa qabnuuf (Uma. 1:26-27, 3:8).

Gaaleen kun Waaqa dhugaa tokkoof kan qabnu amanamummaa kakuu kan mirkaneessuu dha jechuun ni danda’ama. Faarfaticchi ni mirkaneessa waaqefannaa waaqa tolfamaa raawwate hirmaachuu dhiisu isaa (“gocha sagaagaltuu,” jechuun, ejja, Far. 73:27).

**73:26 “Waaqayyo jabina kooti”** kan isaa kan hin jijjiree ta’uu dhiisuun abdii keenya (Far. 18:1-3, Mil. 3:6).

▣ **“Qooda bara baraa koo”** Waaqayyo mataan isaa qabeenyaa Leewotaati (Kes. 10:9; 12:12; 14:27,29;18:1; Far. 16:5; Far. Erm. 3:24) ammas duuka buutuu isaa amanamoodhaaf dhaala isaaniiti (HoE 15; Rom. 2:28-29;Galaatiyaa.3).

**73:27 “Kan hin amanamne”**  kun akkuma jiruutti “gara ejjitu deemu” dha (BDB 275, KB 275, *Qal* PARTICIPLE). Kunis Waaqayyoo akka abbaa manaa ta’uu isaa kan agarsiisu yaadi rime dha (Hos. 1-3). Isa dhiisuun ejjummaa hafuuraati (Ser.Ba’u 34:15, Ser.Lak. 15:39, Hoj.Er. 4:12, 9:1).

**73:28 “Dhi’aachuu”** dhiibaa isaa hubadhuu “sirraa fagaatanii kan jiraatan” (Far.73:27) kan jedhuu fi “gara Waaqayyootti dhi’aachuu” kan jedhuu gidduu kan jiru (Far. 73:28).

▣ **“Amanannaan koos Waaqayyoo dha”**maqaan kan Waaqayyoo bakka kanatti Adoonaayi YHWH dha. Mataduree addaa ilaali: maqoonni kan Waaqayyoo.

“Kooluu” dha (BDB 340) Far.5:11 irratti yaadannoo ilaali.

▣ **“Hojii kee hundumaa akkan dubadhu”**wanni guddaan**,** duuka buutuu amanamoon Waaqayyoo waaan isaaniif godhee kan biroof ibsuu isaani. Kunis kan Far.73:15 faallaadha.

Beektooti tokko tokko faarfannaa kan akka “oogummaa faarfannaa, haa ta’u malee gaaleen kun tokkummaan isaa “faarfannaa galataa” akka ta’e, kan argisiisu. Dhuga - baatiin galata dhii’eessuu fi aarsaan mana qulqulluummaatti godhamu faarfannaa kan akka kanaa shaarbee qabiyyee baratamaa dha.

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. “Gaaridha” jecha jedhu 73:1 irratti ibsi.
2. Lpheen qulqulluu ta’uun maal jechuu dha?
3. Faarfatichii amantaa inni YHWH irratti qabu ture/ amanachuu/maaliif dhabe?
4. “Cubbamaa” jedhamee Far.73:3-9 irratti kan ibsaman eenyuu fa’ii?
5. Far. 73:13 akkamitti Iyoob 1-2 komii seexanaa wajjin walcina adeema?
6. Faarfatichi shakkiicha irraa akkamitti jalaa ba’uu danda’e?
7. Kan lakkoofsa Far. 73:23-24 faayidawwan tarreessi.
8. Far. 73:25-26 kan inni dubbatu mirkaneessaa jireenya kanaa ti yookiis kana booda kan jiraatuu dha?, Yoo ta’uu baatee maaliif?
9. Far. 73:28a maal jechuu dha?

# FAARFANNAA 74

## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gaaffiin lafattiin diinaan baduu ishee <u>Seensa MT</u> Faarfannaa Asaaf | Gaaffii hamoota jalaa boqochuu | Kadhata diina biyyaa jalaa ooluu | Kadhata biyya oolchuuf | Faaruu baduu mana qulqullummaaf |
| | | | 74:1-3 | 74:1-2 |
| 74:1-11 | | | | |
| | | 74:1-3 | | 74:3-5a |
| | 74:1-18 | | 74:4-8 | |
| | | 74:4-8 | | 74:5b-7 |
| | | | | 74:8-9 |
| | 74:9-17 | 74:9-11 | 74:9-11 | |
| | | | | 74:10-11 |
| 74:12-17 | | 74:12-17 | 74:12-17 | 74:12-13 |
| | | | | 74:14-15 |
| | | | | 74:16-17 |
| 74:18-21 | | | | 74:18-19 |
| | | 74:18-19 | | 74:20-21 |
| | | 74:20-23 | 74:18-19 | 74:22-23 |
| 74:22-23 | 74:18-21 | | 74:20-21 | |
| | | | 74:22-23 | |
| | 74:22-23 | | | |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.k.f

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun gaaffii dha, Waaqa kakuutiif, saba isaa akka yaadatuuf (Faru. 74:1, 18, 22), biyyatti abdii (Uma. 12:1-3) waaqa tolfamaa warra waaqeessaniin yeroo weraramtuu fi qabamtu (Faru. 74:4-8)

Akkaataa qabiyyee yaada brreefamichaa dhangala'aa IMPERATIVES ilaali (jechuun, gaaffii kadhataa).

1. Hawaasa amantootaa yaadii, Far. 74:2
2. Deebii (jechuun, miilla kee kaasi), Far. 74:3

3. Isaan balleesi, Far. 74:11
4. Kana yaadi, Far. 74:18
5. Kakuu kee ilaali, Far. 74:20
6. Ka’I, Far. 74:22
7. Dhimma ofii kee godhi, Far. 74:22
8. Qoosa dhiba’ootaa yaadi, Far. 74:22

B. Gaaleewwan adda addaa ilaali, saba kakuu isaati kan ibsan.
   1. Hoolota kee bobaafte, Far. 74:1
   2. Gosoota dhaala kee, Far. 74:2
   3. Gugee kee (lubbuu siif bitaman), 74:19
   4. Rakkataa fi gadadamaa, Far. 74:19, 21

C. Mana qulqullummaa isaa ibsuuf faayiidaa irra kan oolan gaaleewwan adda addaa ilaali.
   1. Gaara Xiyoon, Far. 74:2
   2. Yeroo hundumaaf kan diigaman, Far. 74:3
   3. Mana qulqullummaa kee, Far. 74:3, 7
   4. Bakka argama kee, Far. 74:7
   5. Bakka bultii maqaa keeti, Far. 74:7

D. Aanguu isaa ilaali (Far. 74:12-17, PERFECTS baay’inaan) Waaqayyo mootii uumamaa ta’uu isaa kan ibsan, Uumamaa 1 irraa fakkiiwwan fayyadamuun (Faarfannaa 104) fi fakiiduu Ugaretik.

E. Ajaa’ibsiisaa kan ta’u saba kakuu isaa YHWH n maaliif akka dhiiseen beekuu dhiisuu isaanii ti (jechuun, kakuutti kan hin amanne ta’uu isaaniiti). Isaanis ka’umsa qalbi jijjirannaa kam iyyuu yoo dhi’eessan hin mul’atan, ta’us garuu amanamummaa Waaqayyoo ni mirkaneessu, abdiiwwan isaaf, (akkamitti adda akka ba’u ilaali Faarfannaa 79 wajjin).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 74:1-11

**1Yaa Waaqayyo, ati maaliif raawwattee nu gatta?**
**Hoolota tika kee jala jiran irrattis, dheekamsi kee**
**Maaliif boba’a*?**
**2Waldaa kee isa durii durii jalqabdee kan kan kee**
**Godhatte, isa gosa dhuunfaa kee godhachuudhaaf**
**Furte, tulluu Xiyoon isa iddoo buufata kee godhattes yaadadhu*!**
**3Diinni waanuma mana qulqullummaa keessa jiru**
**Balleesseera, faana kee gara isa diigamee**
**Akkasitti hafe kanaatti qajeelfadhu*.**
**4Warri si irratti ka’an iddoo walga’ii isa kan keetii**
**Keessa lixanii bookkisaniiru, milikita ofii ittiin**
**Beekamanis dhaabbataniiru;**
**5Akka namoota qottoowwan isaanii mukkeetii**
**Gobbuu irratti ol fudhatanii, isaanis ofii**
**Isaaniitii kanaan in beekaman.**

**74:1** Biyyatiin abdii mo'amuu ishee weeraramu ishee (Uma. 1:1-3) faarfattichaaf naasiisaa ture, saboonni kakuu hunduu gaaffii isaan yaadan hamma gaaffatuutti. Isaan ofii isaanii kan isaan lakkaa'aan "adda" godhanii turan (Bau. 19:5-6, ta'us garuu abdiiwwan haalaan ta'uu isaaniin irraanfataniiru, amantaa abboomamuu isaanii irratti (Kes. 19:5, Lew. 19:5, Lew. 26, Kes. 27-30). Waaqayyoo irraa eebba irraa hafaa fi eegumsa qooda Waaqayyoo ture, haata'u malee sabi isaa immoo itti gaafatamummaa qaba (jechuun, abboomamuu, Ser.kes. 10:12-13).

1. Faarfannaa 74:1-gaaffiwwan lama
2. Faarfannaa 74:10-gaaffiwwan tokko
3. Faarfannaa 74:11-gaaffiwwan tokko

▣ **"Aara dheekamsa kee"** kun akkuma jirutti "afuura diimachuu funyaani" dha.kun ciigoo namoomsuuti (mata duree addaa ilaali: Waaqayyoo akka namaatti yeroo ibsamu) firdii Waaqayyootiif (mata-duree addaa ilaali:ibidda).

**74:2 "Yaaadi"** kun sadan isaa keessaa fayyadammi sagalechaa isa jalqabaati (BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERATIVE, Far.74:1,18,22). Faarfatichi Waaqayyoon gaafata, kakuu isaa akka yaadatu (Far. 74:20, "kakuu kee yaadi," BDB 613, KB 661, *Hiphil* IMPERATIVE, Far. 106:45; Lew.26:42).

Geggeesitoonni kakuu moofaa yeroo hundumaa kadhata kana in kadhatu. Isaan kan barbaadan Waaqayyoo abdii isaa akka yaadatu fi cubbuu isaanii akka irranfatu! Qabiyyeen isaa kan isaan kadhatan amala araara Waaqayyoon guuteenidha, kakuu isaani isa isaan diigan akka dhiisu. Kunis kan agarsiisuu dadhabbii hojii namaati, kan Waaqayyoo karaa ittiin dhi'eesutti! Inni in ta'a, ta'us, gara "kakuu haaraa" argisiisuuf (Erm. 31:31-34; His. 36:22-38), araara YHWH irratti hundaa'uun, akka fudhachuu fi akka galataatti, deddeebii gaariif waamamuu dhaan.

▣ **"Himteetta"** kun fakkeenya kakuu moofaati, jecha daldalaa kan fayyadamu ("bituu" BDB 888, KB 1111, *Qal* PERFECT) kakuu YHWH kan ibsu (Ba'u. 15:13,16; Kes.Deb. 32:6). Isaan kan isaati filannoo isaatii fi gochaa isaan, hojii isaaniin osoo hin taane (Kes.de.9:4-6).

▣ **"Kan dursu"** gaaleen kun kan inni argisiisu gocha Waaqayyoo isa darbee dha. Far. 74:12-17 irratti inni kan inni argisiisu uumama dha, asitti inni kan inni argisiisu seera ba'uuti.

Faarfannaa kana irratti gochawwan Waaqayyoo lammanuu irratti uumama irrattis ta'ee ba'uu irratti wal makeera. Adda baasanii beekuun rakkisaa dha, ciigoo kamiin, gochama yookaan lakkoofsi kana akka argisiisu.

Haallii saba kakuu yeroo sanaa gaddisiisaa dha (Far. 74:3). Faarfattichi kan darbe fayyisuu Waaqayyo/oolchuu hojiiwwan ibsa (jechuun, ka'umsi jeequmsa (diigamni) yookaan hidha Gibxii).

▣ **"Kan furuu"** gochamichi (BDB 145, KB 169, *Qal* PERFECT) yaad-rimee giddu galeessati (1)Seera Ba'uu (Bau. 6:6, 15:13) fi (2)seerrata aarsaa Israa'eel kaayyoo og-Waaqummaa. Mata-duree addaa ilaali: oolchuu/furuu.

▣ **"Gosa dhaala kee"** gaaleen kun gosoota kudha sadan Yaaqoob keessa tokkoo kan eeru miti, garuu hunduma malee (Erm. 10:16, 51:19). Isa. 63:17 irratti "Gosa" kan lakkoofsa baay'eeti, garuu immoo sanyii Yaaqoob/Israa'eel argiisisa, akkasumas Abiraahiif ka'umsa abdiiti (Uma. 12, 15, 17).

▣ **"Tulluu Xiyoon"** yaadannoo ilaali Far. 2:6, 9:11, fi 20:2 irratti. Mata-duree addaa ilaali: Xiyoon.

**74:3** *Hiphil* IMPERATIVE ("Kaasuu") kan biraa gaaffii kadhataati, Waaqayyoon kan gaaffatu, gara bakka mana qulqullummaatti akka deebi'uu, gara inni jiraatuutti (Faru. 74:2c, "bakka jiraateetti," BDB 1014, KB 1496, *Qal* PERFECT).

Iddoon bultii isaa marfameera, diigameera, ta'es warra waaqa tolfamaa waaqeessaniin wereertootaan qabameera (74:3-4).

▣ **"Diina"** weerertoonni waaqa tolfamaa waaqeessan amallii isaanii kan ittiin ibsame karaa adda addaa hubadhuu.

1. Diina __ Far. 74:3, 10, 18
2. Amajaaji __ Far. 74:4, 10, 23
3. Namoota dhibaa'oo, Far. 74:18, 22
4. Bineensa bosonaa, Far. 74:19

Waa'ee yoomessa seenaa yaadoonni gosa lama jiru, faaruu biyyaa kana kan ittiin waaman.

1. Wereera haaraa Babiloon bara 586 Dhaloota Kristoos dura, manni qulqullummaa yeroo itti gubame (Faarfannaa 137)
2. Wereera Edoom bara 485 Dhaloota Kristoos dura, manni qulqulluummaa yeroo salphatee fi diigame

**74:4-8** Wal cina ifaa ta'ee ilaali, "isaan…" kan jedhuu fayyadamuun (NASB). Isaan lakkoofsonni kun kan isaan eeran warri waaqa tolfamaa waaqeessan kan isaan godhanii dha, YHWH n karaa Israa'eeliin gochuun kan irra jiraatu kan argisiisan.

1. Mana qulqullummaa diigeera, Far. 74:3a (Far. Erm. 2:6)
2. Hiyyeera (jechuun, mallattoo mo'ichaa, Far.Erm. 2:7) mana qulqullummaatti, Far. 74:4a
3. Mallattoo waaqa tolfamaa waaqessuu isaanii kaa'aniiru (jechuun, Alaabaawan, fakkiiwwan, sidaarsaa), Far. 74:4b
4. Bakki bultii YHWH hojiwwan ogummaa diigeera, Far. 74:5-6
5. Mana qulqullummaa abiddaan gubeera, Far. 74:7a (jechuun, 2Mot. 25:9, 2Sen. 36:19)
6. Mana qulqullummaa xureesseera, Far. 74:7b
7. Dhaala Waaqayyoo guutuu guutuutti diiguuf yaaleera, Far. 74:8a
8. Bakka bultii YHWH naannichaa hunda gubeera, Far. 74:8b

**74:4 "Dinooni kee"** mana qulqullummaa gubame Far. 74:7 irratti kan eerame 2Mot. 25:9 irra kan jiru wajjin wal fakkaataa yoo ta'e, egaa diinonii warra Baabiloon (Faru. Ermiyaas 2).

▣ **"Bakka argama kee gidduutti hiyyan"** mallattoon kun kan inni ibsu bakki mana qulqullumichaa warra waaqa tolfamoo waaqeessaniin qabamuu isaati. "Hiyyuu" gochamni jedhu (BDB 980, KB 1367, *Qal* PERFECT) kan inni ibsuu bakka bultii Waaqayyoo addaa gara jabinaan mo'icha ta'uu dha. Gochamichi faayida irra kan inni oolu leencootaaf, innis weerertoota warra waaqa tolfamaa waaqeessan diinummaa fi human kan ibsu (Isa. 5:29, Erm. 2:15).

**74:5-6** Dahood, Gaditoo kitaaba qulqulluu irratti (jildii 17b, fuula 202), jedha, "lak. 5 fi 6 baay'ee ifoo kan hin taanee fi rakkisoo dha, faarfannaa guutee gidduu dhaa." Akkaataa haala barreeffamichaan kan inni ibsu waaqa tolfamoo kan waaqeessan wereertoonni mana qulqullumichaa waan tokko akka godhanii dha, osoo hin gubin dura. Innis dheekamsa wereertootaa argisiisa iddoo waaqeefannaa addaa YHWH irratti. Isaan gubuun Waaqa Israa'el qaanessuuf barbaadaniiru.

**74:5** LXX Sarara baniinsaa qaba "Akka seensa keessa isa irraa" (jechuun, kan mana qulqullumichaa seensa irra keessaa). Hundee Ibirootaa, עלה (BDB 750-751) hiikni isaa ta'uu kan danda'u

1. Barreefama, boca barreefame
2. Aarsaa gubamu hundaa
3. Sadarkaa ittiin ol ba'an

Gochama kanaan ani kanan tilmaamu kan inni argisiisu gara mana qulqullummaa yookiin gara naannoo mana qulqullummaa seensa dha.

**74:6 "Nii qeexa'an… burusaan cabsan"** isaan lakkoofsonni kun lamman (BDB 506 fi 476) as qofatti kan isaan uumaman, kakuu moofaa irratti. Faarfannaan kun baay'ee kan hin baratamnee fi jechoota keessaa ba'oo qabu.

Kan "Qottoo" fi "faasii" mallattoo kan Ermiyaas loltuu Baabiloon ibsa calaqqisiisuu danda'a (Erm. 46:22-23).

**74:8 "Guutuu guutuutti humna keenyaan haa qabnu"** MT irratti amansiisa ta'uu dhiisuun jira. Sararichi kan inni argisiisu

1. Sabni kakuu guutuu guutuutti badiisa dha
2. Manni qulqullumichaa fi bakki waaqefannaa naannichaa baduu isaati

**74:9-11** Sabni kakuu isaa walumaa galatti YHWHn adda ba'uu fi cal jechuu hubachuu hin dandeenye. Inni homaa gochuu dhiisuu filateera, caalaatti warra raajii dubbatanfudhateera. Isaan waan tokko akka godhaniif kadhachaa jiru, maqaa isaa fi mana qulqullummaa isaa saba isaa akka fayyisu!

Rakkoon isaa kallatiwwan baay'ee qabu .

1. Kan wereere Baabiloon yoo ta'e, egaa YHWH cina isaaniin lola.
2. Israa'eel mi'a dheekamsaati, waa'ee ejjummaa fi amanti-maleessa ta'uu isaaniin.
3. Ta'us, YHWHn kaayyoo oolchuu oolchuu bara baraa qaba, sanyii Abirahaam kan of keessatti qabatu (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).
4. Inni Israa'elitti ni farada, in oolchas!

**74:9 "raajii"** walcina isaa ilaali Faru.Er. 2:9 irratti.

Mata-duree addaa: raajii kan kakuu moofaa

**74:10** YHWH warra waaqa tolfamaa waaqessanitti in fayyadama, sabicha irratti faraduuu dhaaf, haata'u malee dhuma irratti isaanittis in farada, sababi isaa

1. Isaan hamaa waan dubbataniif – BDB 357, KB 355, *Piel* IMPERFECT, Far. 74:18 (fakkeenyi biraan: Sofo.. 2:8,10)
2. Maqaa saa waan tuffataniif– BDB 610, KB 658, *Piel* IMPERFECT

IMPERFECT (gochama) kan inni ibsu gocha adeemsa irra jiruu fi ilaalcha

▣ **"Hamma yoommitti"** kun gaaffii irra deddeebi'aa dha faarfannaa irratti (Far.6:3;13:1;44:23-24; 79:5; 80:4; 85:5;89:46; 90:13; 94:3). Odefannoon kun kan irraa dhufe Luba ykn Raajii irraatti.

1. manni qulqullummaa diigameera (luboonni hin jiran)
2. raajonni hin jiran (Far. 74:9)

rakkina kana kan fudhatan duuka buutota amanamoo hundumaa gaaffii isaan gaafatanii dha, kan kufee, biyya guutuu hin taaneeti. Biyyi lafaa kufuu danda'a, Waaqayyo garuu ammayyuu in to'ata (Far. 74:12-17).

▣ **"Maqaa kee"** mata-duree addaa Ilaali: "Maqaansaa" kan YHWH.

**74:11** kan YHWH Israa'eloota deggeruu dhiisuun biyya lafaatiif ergaa dogogoraa dabarsa (Hiz. 36:22-38). Innis eenyuun akka ta'ee fi kaayyoo isaa isa guddaa addunyaaf argisiisuuf hojjeechuutu irra jiraata (Far. 59:13-15).

▣ **"Mirga kee"** mata-duree addaa ilaali: Waaqayyo akka namaatti yeroo mul'atu (akka namaatti)

**MACAAFA FAARFANNAA 74:12-17**

**12Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo mootiin koo**
**Kan durii durii ti, irra lafaa keessattis gocha**
**Fayyisuu isaa hundumaa in raawwata.**
**13Ati aangoo keetiin galaana gargar hirtee,**
**Mataa bineensota akka jawwee galaanatti**
**Galanis bishaan irratti in caccabsite*.**
**14Ati mataa baay'ee isa kan Lewaataan**
**Bineensicha guddichaa in hurreessite,**
**Isas bineensota lafa onaa keessa jiraataniif**
**Nyaata gootee in laatteef.**
**15Ati Burqituu fi yaatuun akka bubbisan in goote,**
**Laga takkaa hin gognes in gogsite.**
**16Guyyaan kan kee ti, halkanis immoo kan kee ti,**
**Biituu fi ibsaa warra kaanis situ cimsee dhaabe*.**
**17Daarii lafaa hundumaa situ dhaabe,**
**Bonaa fi gannas situ uume.**

**74:12-14** Aanguun kun kan faarfattichaa karaa inni itti xiyyaafatu ture, Waaqayyoon hojii uumamaa ajaa'ibsiisaa (jechuun, Uumama 1 yookaan Seera Ba'uu). Inni Waaqa uumamaa ti! Inni addunyaa kana gara le'iiti kan inni fideef kaayyoodhaaf. Israa'eel kutaa guddaa kaayyoo sanaa turee (jechuun, Far. 74:12, mata duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).

Wal cinummaa isaa hubadhu (jechuun, "Ati…" yeroo torba PERFECT TENSES faayidaa irra ooleera), innis ka'umsa Uumama 1 uumama kan argisiisu yookaan mo'amuu Gibxii fi Seera ba'uu.

1. Qoqoodi (jechi Ibirootaa kun amansiisummaa hin qabu, innis BDB 830 II duukaa bu'a, ta'us garuu KB 978 fayyadama kana hin mirkaneessu) galaana
2. Mataa jawwee galaanaa tumii (lakkoofsa qeenxee ta'a, kanaaf Lewaata wajjin wal cina dha)
3. Mataa lewaataan tumi
4. Nyaata isaanii ni kennitaaf uumamaaf/namoota lafa onaa jiraataniif (akkaataa yaada barreefamichaati (uumama" kan fooyya'ee kan fakkaatu, Isa. 13:21-22; 23:13; 34:14; Erm 50:39, NRSV, TEV, NJB)
5. Burqaawwan bishaanii ni burqisiisa
6. Lagoota yaa'an ni gogsita
7. Ifaa fi dukkana ni qopheessita
8. Daangaan lafaa hundumaa jabeessi (jechuun, galaana, waqtilee, halkanii fi guyyaa)
9. Waqtiillee qopheessi (jechuun, qonna)

**74:12 "Mootii koo"** YHWNn akka "mootiitti" yaad-rimeen inni ittiin ibsame ani akkan yaaduutti waabiiwwan yaadamuu qaban lama ni jiraatu.

1. Inni geggeessaa dhugaa/olaanaa dha, saba kakuu isaaf (Far. 89:1-4, Far. 44:4 irratti yaadannoo ilaali)
2. Maqaan waamichaa kun kan kennameef uumaa ta'uu isaan hojii inni hojjettee fi raafama bishaanii mo'uu isaatiin (jechuun, Rahaab/lewaataan [bineensoota warra Kanaa'aan kan raasan], Job 26:12; Ps. 89:5-10; 93:1-5; Isa. 51:9)

Kakuu moofaan argisiisa uumamaa gosa lama dhi'eessa.

a. Uumama 1-2 (waa'ee le'ii kan dubbatu)
b. Faarfannaa 89, 96 (raama mo'uu isaa, fakkiiwwaan himtee fayyadamuun, Sumer, Babiloon, fi Kana'aan irraa. Kun isaan kanaaf kan faayidaa (baha dhi'oo durii) ilaalcha addunyaa waaqa

tolfamaa kennuuf kan yaadame miti garuu ergaa YHWH saboota aadaa kanaaf walitti fiduuf akka hundeefamu malee, NIDOTTE, jildii 4, fuula. 548, lak.7 ilaali)

**74:14 “”Lewaataan”** jechi kun himtee Ugareetiin kan baratamee dha (Isa. 27:1). Asi gadii kan jiru yaadannoo ilaali, Isaayaas. 27:1.

▣ **“Lewaatan bofa ariifataa”** Lewaataan (BDB 531) homtee Ugaretiin bineensa galaanaa fakkaata (jechuun, Iyoob 41:19-21) Iyoob 3:8, Far. 104:26, Amos 9:3 irratti kan eerame. Ta’us, yeroo tokko tokkoo innis saba hamoof fakkeenya godhamee eerama (Far. 74:13-14, Gibxiif ta’uu danda’a). Innis lagni lafa isaanii irratti akka bofaa jajalatee yeroo darbuu fakkaata. Yeroo tokko tokkoo jechii isaa keessaa iyyuu “Rahaab” wajjin wal qabata, innis karaa ittiin Gibxiin ibsu (Far. 87:4, 89:9-10, fi Isa. 30:7). Anatti kan fakkaatu, akkaataa yaada barreefamichaati, kan nu dubbanu laga dha, diina biyyaaf fakkeenya kan ta’e, Gibxii tokkoo yookaan Sooriyaa (Far. 74:12). Jechi kun salphaatti fakkeenyummaan isaa faayidaa irra sababa inni ooluuf duraan og-barruu himtee Kana’aan tokko tokkoo faayidaa irra ooluu isaatiin (Far. 74:12-17, G. Arker, rakkina Macaafa qulqulluu Insayikilopidiyaa, fuula 239-240).

Walcinummaan gidduu isaa jira

1. Bofa ariifataan (BDB 638 I) yookaan bineensa galaanaa (NASB yaadannoo miila jalaa ilaali)
2. Jal’oo bofa galanaa
3. Jawwee laga keessa jiraatu

Waabiin wal fakkaataan kun ni argama (1) Walaloowwan Ugareetii fi (2) Isa. 51:9 “Rahabiin” fayyadamuun, innis immoo “Jawwee” jecha jedhuun kan ibsamu (BDB 1072).

Lakkoofsa kanaa fi akkaataa yaada barreefamichaa gidduu walitti dhufeenyi ifaa ta’ee qofaan isaa Isa. 27:11-12 ti.

1. YHWH n akka uumaatti, Far. 74:11
2. Burqaa laga Efraxesii fi laga Gibxii Far. 74:12
3. Dhumni baraa akka jalqaba baraa ti (jechuun, Uumama 1-2, Mul. 21-22)

Walummaa galatti Isaayaas walitti qabama barreefama kanaati, waggoota baay’eedhaaf, kan inni jabaatees jechaan yookiin bu’uura ergaa jijjiruutiin, seenaa osoo hin taane.

## MACAAFA FAARFANNAA 74:18-21

**18Yaa Waaqayyo, diinni attam akka si arrabsu,**
**Sabni gowwaanis maqaa kee attam akka tiffatu yaadadhu!**
**19Lubbuu warra kan keeti warra akka gugee, bineensa**
**Caakkaatti hin kenning; jireenya warra gadadamoo**
**Kan keetiis bara baraan hin irraanfatin!**
**20Biyyicha keessaa iddoowwan dhokannaa warri**
**Dukkanaa’oon, humnaan nama irratti ka’uudhaan**
**Waan guutaniif, ati immoo kakuu kee yaadadhu!**
**21Warri gadadamoonni qaana’anii akka deebi’an**
**Hin godhin! Warri gad ddbi’anii fi warri dhaban**
**Maqaa kee haa jajatan!**

**74:18-21** Aanguun kun kan inni argisiisu kan Far. 74:1-11 ka’umsa kadhataati. YHWHn hojii fayyisuu isaa gochuutu irra jiraata

1. Diini maqaa isaa waan balleesee fi waan tufateef (Far. 74:10)
2. Israa’eel isaaf saba addaa waan ta’eef (Bau. 19:5-6)
3. Abrahaamiif waa’ee abdii kennee (Uma. 12:1-3)

4. Gochawwan isaa ergaa sirrii ormootaaf waan dabarsaniif, isa akka beekanii fi beekamtii akka kennaniif waan barbaachiisuuf

JUSSIVES  afurii fi IMPERATIVES lamatu jiru.

1. IMPERATIVES
   a. Yaadi – BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERATIVE, Far. 74:1,18,22
   b. Ilaali _ BDB 613, KB 661, *Hiphil* IMPERATIVE
2. JUSSIVES

a. Dabarsitee hin kennin– BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT  bifa JUSSIVEn faayidaa irra kan oole , Far. 74:19
b. Hin irraanfatin _ BDB 1013, KB 1489, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayiida irra kan oole, Far. 74:19b
c. Rakkataan qaana'ee hin deebi'iin __ BDB 996, KB 1427, *Qal* JUSSIVE , Far. 74:21a
d. Rakkataa fi gadadamaan maqaa kee haa gallateefatan _ BDB 237, KB 248, *Piel* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole,  Far.. 74:21b

**74:19 "Gugee(uumama siif bitamu)"**  jechi kun (BDB 1076 II) faayidaa irra kan oole

1. Bineelda aarsaadhaaf dhi'aatu, Uma. 15:9; Lew. 1:14; 5:7,11; 12:6,8; 14:23,30; 15:14,29; Lak. 6:10
2. Simboo sosocho'aaf, Sol. 2:12; Erm. 8:7
3. Mallattoo saba kakuu isaa, Far. 74:19

Kan biraan kan baay'ee baratame, "Gugeef" (BDB 401) karaa oliitiin faayidaa irra kan oolu (jechuun, Sol. 2:14, 5:2, 6:9).

Faarfannaa 74 irratti jecha jiru eeruu kan danda'u

1. Gargaarsa dhabuu
2. YHWHn saba isaa firdiif dhi'eesuu
3. Jecha jaalalaa inni kan inni Israa'eliif qabuu jaalala kan argisiisu (Hose. 7:11, 11:11)

Kan Far. 74:19 sararoonni lammanuu waan gosa tokkooti kan isaan eeran, kanaaf lak. 1 sirrii ta'uu danda'a.

NEB LXX duukaa bu'ee, sireefama dhi'eessa "Gugeedhaaf" תורך , "Si kan gallateefatu," תודך. UBS pirojektii barreefamaa (fuula 325 filannoof lak. 1 sadarkaa "C" kenna, (shakkii ta'uu qabuu).

**74:20** Kun lakkoofsa rakkisaa dha, hiikuudhaaf, inni argisiisuu kan danda'u

1. Hameenya warra wereeranii
2. Bakka bittaa saba Waaqayyoo
3. Waabii Xiyoon uwwifame, bittaa lafa gajalaa (jechuun, akka si'ool, akkasumas lafa irratti, biyyatti abdi sana illee yoo taate)

Anatti fooyya'aa kan natti fakkaatu Faarfannaa 74:20 fi 21 bakka tokkootti ilaaluu dha, saba kakuu irratti kan ta'uu rakkinaa fi dhiiphaa. Seenaan yoomessaa isaa Babilooniin yoo ta'e, bittaa dha jechuu dha, Eedoom yoo ta'e, egaa lafa Kana'aan irratti ti dha.

**74:21 "Rakkataa fi gadadamaa"** kun keessaa iyyuu kan inni eeru hiyyeesaaf miti, garuu rakkina kan fudhatu sababa kakuu isaati malee (jechuun, haftee amananamoo, NIDDOTE, jildii 3, fuula 459)

## MACAAFA FAARFANNAA 74:22-23

**22 Ka'I, yaa Waaqayyo dubbii kee falmadhu,**
**Warri gowwaan guyyaa guutuu akka si arrabsan yaadadhu!**
**23 Ati iyyuu hamajaajii keettii, caraanuu warra si irratti**
**Ka'aanii isa yeroo hundumaa gara keeti ol ka'u hin irranfatin!**

**74:22-23** kun kadhata isa dhumaati, YHWH akka hojetu.

1. Ka'i – BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
2. Dhimma mataa keetii ilaali – BDB 936, KB 1224, *Qal* IMPERATIVE (fuulaa fuulatti kan ta'e firdiin dhaabachuu, maqaa isaatii fi kan saba isaa kan xureessu wajin, Far. 74:3-11)
3. Qoosaa dhibaa'otaa yaadadhu– BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERATIVE

YHWH, adaraa kee hojjedhu! Godhi, biyyi lafa akka beekuuf (Far. 55:13; 83:18; His. 36:22-38).

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun waa'ee biyyattii abdii weeraraa fi qabachuutti. Innis Waaqayyoo akka yaadatuuf gaafata (Far. 74:2,18, 22) sagalee abdichaa, haa ta'u malee Waaqayyoo maaliif akka iyyame raawatee hin eeru Israa'el/Yihuudaan akka mo'amu. Maaliif akkas godhe?
2. Weerartoonni eenyuufa'i?
3. Macaafni qulqulluu Ibirootaa bu'arra (Bahaa dhi'oo durii) fakkeenya himtee in fayyadamaa?
4. Far. 74:5-6 fi 74:20 hubachuuf maaliif rakkisuu?
5. "Rakkataa" kan jedhu Far.74:21 irratti eenyuudha kan eeru?

# FAARFANNAA 75

## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo of-tuulaa ni salphisa, isa garuu ol qaba | Galatni Waaqayyoof firdii tolaa | Galata biyyoolessaa dhi'eessuu hojii Waaqayyoo guddaa | Waaqayyo abba firdii | Abbaa murtii walii galaa |
| Seensa MT | | | | |
| Geggeesaa faarfatootaa, Asaafiif | | | | |
| 75:1-5 | 75:1 | 75:1 | 75:1 | 75:1 |
| | 75:2-3 | 75:2-5 | 75:2-5 | 75:2-3 |
| | 75:4-5 | | | 75:4-5 |
| | | | 75:6-8 | 75:6-8 |
| 75:6-8 | 75:6-8<br>75:9 | 75:6-9 | | |
| 75:9-10 | 75:10 | | 75:9-10 | 75:9-10 |
| | | 75:10 | | |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfattichi yoom akka dubbate beekuun rakkisaa dha, akkasumas Waaqayyootti yeroo inni dubbate.
   1. Far. 75:1 __ Faarfaticha ta'uun isaa ifaa dha
   2. Far. 75:2-3 __ Waaqa ta'uun isaa ifaa dha
   3. Far. 75:4-5 __ isa tokkooffaa ta'uu danda'a
   4. Far. 75:6-8 __ Faarfatticha
   5. Far. 75:9 __ Waaqayyo (MT "I" )

B. Waaqayyo in hojjeta waan ta'ee fi achi irraas gocha isaa galmeessuu fi ibsuun isaan irra jiraata (jechuun, hafuuraan liqimfamuu) barreessaa namaa, ibsa isaa teechisuudhaaf dhaloota itti aanuutti bifa darbuu danda'uun (jechuun, jechaan, barreefamaan, seenaadhaan).

C. Uumaan tokkoon tokkoon uumama namaa soortuummaa fedha, kennaa jireenyaatiif ibsa (Far. 19:1-6, 7-11)! Haqi guyyaa tokko ni dhufa!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 75:1-5

**1 Nuyii si galateeffanna, YaaWaaqayyoo, nuyi si galateeffanna!**
**Ati maqaa kee isa beekaamadhaan warra gocha kee isa dinqisiisa**
**Himanitti dhi'oo dha*.**
**2 Waaqayyo, "Yeroon murtoo godhee dhaabe sanatti, firdii**
**Qajeelaa nan kenna;**
**3 Lafti, warri lafa irra jiraatan hundinuus iddoo isaanii**
**Yemmuu gadi dhiisan, utuboota lafichaa jabeessee kan eegu ana" In jedha.**
**4 Warra of jajaniin "Of in jajinaa!" warra jal'ootaanis, "Gaanfa mataa**
**Keessanii irra keessa in qabatinaa!**
**5 Gaanfa mataa keessanii ol in qabatinaa! Morma yaafachuudhaanis**
**Hin dubbatinaa!" nan jedha.**

**75:1 "In galateefanna"** gochamni kun (BDB 392, KB 389, *Hiphil* PERFECT) yeroo lama xiyyaafannoon irra deebi'eera (Far. 107:1,8,15,21,31 ilaali). jeechichi *Hiphil irratti irra* deddeebi'ee fayidaa irra oola (yeroo 65*)* faarfannaa irratti. Innis *irra caalaa kan inni hiiku* "galata" kan jedhuun, garuu Far.32:5 irratti kan inni hiiku "qalbii jijjiirachuu" kan jedhuu *dha.*

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, NRSV** | **"maqaan kee dhi'oo dha'hoo"** |
| **NJB, RSV, Peshitta, LXX** | **"maqaa kee waammanna"** |
| **JPSOA** | **"argamuun kee dhi'oo dha"** |

MT NASB hordofa. Porojektiin barrefama UBS (Fuula.326) filannoo lammaffaatiif sadarkaa"C" laata (shakkii sirrii ta'e), hata'u malee inni baay'ee barbaachisaa fi barreefama isa jalqabaa akka ta'e in fudhata.

Rakkoon isaa "gara maqaa keetti dhi'aachuu dhaan" kan jedhu maaljechuu ta'uu isaati.

1. Sabakee wajjin argamuun kee akka ta'e in dubbanna, hojii fayyisuu keen
2. Ati (jechuun, "maqaan kee" kunis argamuu qaama YHWH wajjin walqixa kan ta'e) amma ati dhi'oo dha, akkasumas akka ati hojjettu abdii godhachuu in dandeenya (cubbuu Isiraa'el irra kan ka'ee yeroo hundumaa isaan hin fayyisu)
3. Maqaa kee in waamna saba kakuu kee waan gooteef in dubbanna (jechuun gochaa adda ta'an)
4. AB isa maqaa Waaqayyoo godheera, "itti dhi'oo" akka godhe
   a. "Abbaa aangoo" Far. 75:5a irratti
   b. "Abbaa mo'ichaa" Far. 75:6 (yeroo lamaffaa)
   c. "Bara barummaa isaa" Far. 74:9
   d. "Isa tolaa" Far. 74:10
   
   AB kan jedhu maqoolee kan Waaqayyoo kudha lama faarfanna kana keessa jiraachuu isaaniiti.

▣ **"Namoonni dinqii dubbatu"** Israa'eel ijoollee isheef waa'ee abboota isaaniif waa'ee abdii Waaqayyoo akka barisiiftuuf (Kes. 4:9, 10; 6:7, 20-25; 11:19; 32:46); isaaniis abdiiwanii fi raawwii

isaanii dhaloota itti fufuuf dabrsu. Isaan kun "gochawwan ajaa'ibsiisoo" (BDB 810, KB 927, mata-duree addaa ilaali: wantoota ajaa'ibsiisoo) fayyina cimaa, kan eegumsaa, fi hojiiwwan deggersa isaaniiti, Israa'eel seenaa ishee hundumaatti kan isheen shaakalte.

Kun kan amalaa, kan abdii, fi mul'ata amanamaa gidduu galuu YHWH, labsii dha

1. Israa'eeliin amantiidhaan eegguuf
2. Ormoota gara amantiitti fiduu

jildii. 3, fuula. 284, jechoota adda addaa tarreessa gochawwan YHWH ibsuudhaaf, isaanis amala isaa kan ibsan.

1. Dinqii, Far. 9:1; 26:7; 40:5; 75:1
2. Hojii/gocha, Far. 44:1; 73:28; 107:22; 118:17
3. Ulfina, Far. 96:3
4. Tola, Far. 71:15
5. Jalaala amanamaa, Far. 88:11
6. Guddummaa, Far. 145:6

**75:2-5 "Sa'atii bellamame yeroon filadhetti"** lakkoofsa kana irratti kan dubbatu Waaqayyoo dha. Inni yeroo isaatii fi bakka isaa ni murteessa, biyya lafaatiif ta'uu kan danda'u hundumaa (jechuun, Far. 74:12-17; Kes. 32:8; Rom. 9-11).

1. Waqitiilee – Uum. 1:14-18; Far. 72:17; 74:16-17; 104:19; 136:7-8
2. Guyyaa waaqeffannaa – Uum. 2:3; Ba'u. 20:8-11; Lew.23; Lak. 28-29
3. Wanti hundumtuu kan beelamamu isaan – Lal. 3:1-11 (Iyo. 14:5; Far. 31:15; HoE. 17:31)

Sabi Waaqayyoo gabatee yeroo Waaqayyoo hin hubatan. Inni yeroo mataa isaatti fayyisa, kan saba isaatti osoo hin taane. Firdiin irra deddeebi'ee, werara illee yoo ta'e, fedha isaatiin! Hata'u malee guyyaa tokkoo waan hundumaa kalattiin godha!

▣ **"Ani qajellummaan nan farada."** Xuqaalee og-waaqummaa lama xiyyaafannoon itti laatameera.

1. Waaqayyo lafa irratti ni farada
2. Inni haquummaan hojeta, mul'ata isaa irratti hundaa'uun (Far. 9:8, 58:11, 67:4, 96:10, 13, 98:9)

**75:3 "Laftii fi wanti ishee irraa jiraatan hundinuu ni baqan"** Gochamichi (BDB 556, KB 555, *Niphal* PARTICIPLE, Bau. 15:15; Iya. . 2:9,24; 1 Sam. 14:16; Isa. 14:31; Erm. 49:23) kan inni argisiisu soda saba biyya sana jiraataniiti.

Lapheen sabichaa qofti hin baqne, haa ta'uu malee lafti mataan isaa firdii/uumaa argamuun dhiibbaa irraan ga'eera (Far. 46:6; Isa. 24:19-20; Amos 9:5; Mil 1:4; Nah 1:5).

Kakuu haaraa 2Phex. 3:10 dhuma biyya lafaa kanaa raajaa (Matt. 5:18, 24:35, Mul. 21:1).

Lafa haaraadhaa fi samiin haaraan in dhufa. Erm. 31:31-34 kakuu haaraan guutuu guutuutti hoji irra oola. Macaafni qulqulluun bara haaraa kanaa fakkaattii Ganaata Eedeniin ibseera (Uma. 1-2 mul'ata 21-22 wajjin wal bira qabi).

▣ **"Anis utuboota ishee jabeesseen eege."** kun akkuma jirutti karaa ittiin hundeen lafaa argisiifamuu dha jechuun, kan ka'umsa uumamaa, 1Sam. 2:8, Iyo.38:4-6).

> Yoonaa.2:6 irratti "hundee gaarotaa" kun kan fakkaatti uumamaati. Asi gadi kan jiru yaadannoo koo ilaali, Yoonaas 2:6. Yoonaas 2:6 "gara hundee gaarootaatti gadi bu'an" kakuu moofaan kallatti foonii fayyadama "gadi" si'ooliin ibsuuf (BDB 432, KB 434, *Qal* PERFECT, Lak. 16:30, 33; Far. 55:15; Isa.5:14; 14:19). (BDB 1001) wal cinaa dha (Far. 30:3). Kun ibsa fakiidu Yoonaas , gara lafa jalaa fi kutaa akka gahee kan itti dhaga'ame, shaakalli isaa kunis yaada Yesusiif ka'umsa ta'e (Matt. 12:40-41, Luqaas 11:30). Yoonaas akka du'u amane ture, ta'us garuu Waaqayyo araara isaa godheef! Firdiin Waaqayyo sagalee isaa isa dhumaa miti. Adaba keessatti kaayyoo qaba.

Faarfattichi fi kakuun isaa rakkinoota kana maaliif akka isaan mudate hin hubanne, Waaqayyoon isaanii waan hundumaa to'aachuu akka danda'u beekee utuu jiruu! Raafamaan, wereeraan, fi haqa dhabuudhaan gidduutti illee yoo ta'ee olaantummaan Waaqayyoo kan cimee fi amansiisaa dha (Mul'ata 4-5)! Gabatee yerootiin kan inni oofamu gara karoora oolchuu isaa isa guddaa dha, fedhii ariifachiisaa keenyaan/hawwa/waan barbaachiisaa osoo hin taane!

▣ **"Selaah"** Faarfannaa 3:2 irratti yaadannoo fi seensa VII ilaalui.

**75:4-5** Uumaan akka geggeessaa safuutti dubbata. Heerri YHWH amala isaa callaqisiisa. Fedhii isaa kan isaan argatu isaan

1. "Kan of tuulan" __ "Of-hin tuulinaa," BDB 237, KB 248, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Cubbamoota __ "Gaanfa keessaan ol hin qabinaa," BDB 926, KB 1202 (yeroo lama), *Hiphil* IMPERFECTS bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
3. Of-jajaa __ "Hin dubbatina…," BDB 180, KB 210, *Piel* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole

Innis kan inni fakkaatu "Cubbamoota" (Far. 7:4) faarfannaa kana irratti

1. Saboota waaqa tolfamaa waaqeessan, isaanis weerera gochuuf kan yaalan
2. Israa'eeloota of-tuuloo (Far. 78:3, 8-9, 18-19)

**75:4 "Gaanfa"** kun bineensootaaf mallattoo humnaati fi adda kan godhuu dha (mata-duree addaa ilaali: Israa'eelitti faayida irra kan oolan gaanfoota, Far. 75:10, 1Sam. 2:1, 10, Daani'eel 7-8).

**75:5**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"boonaa"** |
| **]NKJV, NRSV, Peshitta** | **"morma"** |
| **NEB, LXX** | **"Kattaa"** |

MT "Morma" kan jedhu qaba (BDB 848). REB "kattaa" kan jedhu qaba. Jechoonni lamman baay'ee wal fakkaatoodha (jechuun, "Kattaa" dubbifamaa dabalataa tokko qaba). REB Iyoob 15:26 fayyadama kan calqqisiisu fakkaata. Pirojektiin barreefamaa UBS (fuula 326) "morma" sadarkaa "C" kenna (shakkii ta'uu qabu). JPSOA "of-tuuluummaa guddaa" kan jedhu qaba.

## MACAAFA FAARFANNAA 75:6-8

**6 Nama olqabuun, baha-biiftuuti, lixa- biiftuu,**
**Lafa duwwaattis in dhufu,;**
**7 Firdii kan kennuu immoo, Waaqayyoo dha,**
**Isa tokko gadi in deebisa, isa kaanis ol in qaba*.**
**8 Waaqayyo xoofoodhaan wayinii maqaa qabu**
**Isa homachaa'uu of harkaa qaba; inni daadhii**
**Wayinichaa isa firdiif kennamu irra in buusa,**
**Jalloonni lafa irra jiran hundinuu isa in dhugu,**
**Siicoo isaa wajjinis isa in xuruurfatu*.**

**75:6-8** Aanguun kun kan inni argisiisu argama YHWH hundumaati, akka Faarfannaa 139, asitti garuu akkaataan haala barreefamichaa kan inni irratti xiyyaafatu inni cubbamoota irratti firdii inni godhuu dha (Far. 75:4-5).

Cubbamoonni yeroo hundumaa olaantummaa kan qabatan fakkaata, Waaqayyo garuu wantoota sirrii godha (Far. 146:7, 1Sam. 2:7, Rom. 9, Yaaqoob. 4:10). Gochi kan Waaqayyoo kun abdii kan inni godhatu kan galagaltoo ta'a.

**75:6** Lakkoofsi kun kan Filisxeem/Kana'aan mallattoo fakkii fayyadameera, waan hundumaa mirkaneessuuf.

1. Baha __Dhi'a
2. Ba'a aduu _ lixa aduu
3. Lafa honnaa (Kibba) __ gaarawwan (yookaan "Ol-ka'oo") isaaniis Kaaba kan argisiisan

**75:8 "Xoofoo"** kun yeroo hundaa kan inni argisiisuu ga'umsa namaati, ( Isa. 51:17, 22; Erm. 25:15-16,27-28). Yaadannoo guutuu ilaali Far. 11:6 irratti.

▣ **"Sirriitti kan wal make"** kun kan inni argisiisukan durii tooftaa waliin makuuti, fuduraa dhangagaa'aa gosa garaa garaa fi gosoota miidhaanii, dhugaati baay'ee nama macheessan: alkoolii fi alkoolii sirriti itti fayyadamuu dhiisuu.

## MACAAFA FAARFANNAA 75:9-10

**9 Ani garuu bara baraan kana nan labsa,**
**Waaqayo isa kan Yaaqoob faarfannaadhaan**
**Nan jajadha;**
**10 Inni mataa jal'ootaa hundumaa irraa gaanfa in cira,**
**Gaanfii mataa warra qajeelootaa garuu ol in qabama.**

**75:9-10** Aanguun kun kan faarfattichaa jecha cuftuuti.

1. Innis gochawwan ajaa'ibsiisoo YHWH dubbata (Far. 75:1)
2. Innis galata faarfata Waaqa Yaaqoobiif
3. Inni kan YHWH firdii qajeelaa galagaltoo isaa mirkaneessa

Kun yoomessa waaqefannaa mana qulqullummaa callaqisiisa!

**75:9** MT "nan labsa" kan jedhu qaba, LXX fi Peshitta garuu, "nan gammada" kan jedhu qabu (NRSV). Garaagarummaan isaa dubbifamaa tokkoo dha. LXX wal cina wal fakkaataa hundeessuuf yaala, Far. 759a fi 9b gidduu.

**75:10 "Isaan cabsa"** MT "Ani nan godha" kan jedhu qaba. Pirojektii barreefamaa UBS (fuula 328) kanaaf sadarkaa "A" kenna.

Faarfannaan kun dubbatoota baay'ee qabu. Far. 75:9 faarfattichi akkasuma 75:10 YHWH ta'uu danda'a.

▣ **"Gaanfoota"** Ciigoon kun alta'aanis ta'e bifa sirriidhaan faayidaa irra ooluu akka danda'u hubadhu (mata-duree addaa: gaanfoota Israa'eelootaan faayidaa irra kan oolan).

1. Alta'aa __ Far. 75:4-5,10a; Erm. 48:25; Faru. Erm. 2:17
2. Posativii __ Far. 75:10b; 1 Sam. 2:1,10; Far. 89:17,24; 92:10; 112:9

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen

deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaa kana irratti kan jiran dubbatoota tarreessi.
2. Faarfannichi Waaqayyoon guddisee kan argisiisu akka uumaatti moo abbaa firdiitti?
3. Fakkiiwwan suuraa ibsi
   a. “Utubaawwan”
   b. “Gaanfa”
   c. “Xoofoo”
4. Faarfannaan kun kan inni ilaalatu firdii yerooti yookaan firdii bara dhumaatii?

# FAARFANNAA 76

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqni Yaaqoob kan mo'icha humnaa<br><u>Seensa MT</u><br>Geggeessaa faarfattootaaf, kiraaraan. Faarfannaa Asaaf. | Simboo Waaqayyoo firdii irratti | Faarfannaa Xiyoon xumura mo'ichaa Waaqayyoo orma irratti kabajuuf | Waaqayyoo kan mo'u | Galata Waaqayyoof isa ajaa'ibsiisaaf |
| 76:1-3 | 76:1-3 | 76:1-3 | 76:1-3 | 76:1-3 |
| 76:4-7 | 76:4-6 | 76:4-6 | 76:4-6 | 76:4-6 |
| | 76:7-9 | 76:7-9 | 76:7-9 | 76:7-9 |
| 76:8-10 | | | 76:10 | |
| 76:11-12 | 76:10-12 | 76:10-12 | 76:11-12 | 76:10-12 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Kakuun oduu walitti bu'u kan eeru fakkaata
   1. Xiyaafannoo fi kunuunsi addaa Waaqayyoo sanyii Abirahaamiif (Far. 76:1-7)
   2. Hawwii Waaqayyoo, ormootni hundumtuu isa akka beekan (Far. 76:8-12)
B. Dhimmi jabaan kun kaayyoo kakuu haaraa, innis kakuu haaraatti kan mul'ate (jechuun, wangeela Yesus kristoos). Og-waaqummaa kan dhiibbaa mata-duree addaa lamaan ibsuu yaaleera.
   1. Mata-duree addaa: kaayyoo fayisuu bara baraa YHWH
   2. Mata-duree addaa:raajiiwwan kakuu moofaa inni dhufuu yookaan raajiiwwan kakuu haaraa

## MACAAFA FAARFANNAA 76:1-3

**1 Waaqayyo biyya Yihudaatti beekamaa dha,**
**Maqaan isaas biyya Israa'elitti gudda dha;**
**2 Godoon isaa mandara Saalem keessa, iddoon**
**Buufata isaa Xiyoon keessa in dhaabbata*.**
**3 Inni achitti xiyya phalphal jechaa adeemu,**
**Gaachana, billaa, mi'a lolaas in cabse*.**

**76:1-3** Aanguun kun kan "lola qulqulla'aa" fakkii isaa callaqisiisa (Far. 76:3). Seenaan yoomessa isaa bara mootummaa qoqodamee fakkaata (jechuun, bara 922 Dhaloota Kristoos duraa –bara 586 Dhaloota Kristoos dura) sababni isaa lammanuu Yihuudadhaa fi Israa'eeliin waan eeruuf (bara 922-722 Dhaloota Kristoos dura). Duulli loltuu kam iyyuu yookaan weerarri, ollaa waaqa tolfamaa kam iyyuu yookaan kan bu'aa (baha dhihoo durii) human akka ta'ee kan mirkaneessuu hin qabu.

**76:1 "Ni beekame"** hiiki Ibirootaa kallatti lama qaba.

1. Waa'ee waan tokkoo yookaan odeefannoo nama tokkoo (Uma. 4:1, Erm. 1:5)
2. Walitti dhufeenya dhuunfaa

Mata duree addaa ilaali:- Beekuu.

▣ **"Maqaan isaa"** "Maqaan isaa" Eelohimii wajjin wal cina ta'uu isaa hubadhu.

"Maqaa" mata-duree addaa ilaali Far. 1:6 irratti. Eelohimii fi mata duree addaa ilaali: maqoota kan Waaqayyoo.

**76:2 "Saaleem….Xiyoon"** mata-duree addaa ilaali.

Mata-duree addaa:Mooriyaa, Saalem, Jebuus, Yerusaaleem, Xiyoon

**76:3** Wantootni loltoota heedduu tarreefameera, mo'icha loltuu YHWH argisiisuudhaaf.

1. Xiyyawwan (BDB 905)
2. Gaachana (BDB 171)
3. Billaa (BDB 352)
4. Meeshaa lolaa (BDB 536)

Meshaa lolaa diinaa barbadaa'uusaa (Far. 46:9, Isa.9:5, His.39:9-10) karaa sana argamuu saa irraa kan ka'e

1. Diinni guutuu guutuutti barbadaa'eera
2. Isiraa'el YHWH tti amanateera, kanaaf meshaa lolaa isa hin barbaachisne

▣ **"Seelaahi"** yaadannoo ilaali Far.3:2 fi VII seensa irratti.

## MACAAFA FAARFANNAA 76:4-7

**4 Ifni si irraa in finiinaa, tulloota "Tulluu boojuu"**
**Jedhamanii beekaman caalaattis ati surra qabeessa!**
**5 Warrii onneen isaanii guutuu iyyuu mi'I isaanii saamame,**
**Hirriba hin kaane in rafan; namoonni loltuu hundinuu,**
**Harka isaaniitiin waa hojjechuu hin dandeenye.**
**6 Yaa Waaqayyo isa kan Yaaqoob! Ifata keetiin abbaan fardaa,**

**Fardii isaaniis of walaalanii in ciciisu.**
[7]**Ati garuu guddaa sodaachiisaa dha, yeroo dheekamsi kee ka'u,**
**eenyu si dura dhaabachuu danda'aa ree?**

**76:4-7** aanguun kun fakkeennoo loltuu itti fufa

**76:4**
**NASB** **"dinqii. . .sinboo"**
**NKJV** **"abbaa ulfinaa fi ajaa'ibsiisaa"**
**NRSV, TEV** **"abbaa ulfinaa. . .sinboo"**
**NJB** **"kan calaqqissu. . .maqaa-beekamaa"**
**JPSOA** **"dinqii. . .abbaa ulfinaa"**

Isaan jechoonni lamaan kun YHWH ibsu.

1. Kan jalqabaa (BDB 21) jechi kan biraan ta'uu danda'a "callaqee bakkakaa" (Far. 78:48) kan Far. 76:3, kallatti ibsuuf xiyyaafannoo kan laatu (jechuun, ifa) argama YHWH, akka duumessa Sheekana (kan ulfinaa) seera ba'uu.
2. Lammaffaan (BDB 15) kan inni argisiisu guddummaa YHW ti, waaqoolli tolfamoo hundumaa irratti (waaqa tolfamaa), innis Far. 76:7 (1Sen. 16:25; Far. 89:7; 96:4 irratti kan ibsame).

▣
**NASB, NKJV,**
**JPSOA** **"gaarawwan kadhataa"**
**NRSV, REB,**
**LXX** **"gaarawwan bara baraa"**
**NJB** **"gaarawwan boojuu"**
**NET** **"bakka ol jedhaa irra gadii buute, bakka itti kadhata kee lafa itti ajjeeftuutti"**

Gaaleen kun hiikaaf baay'ee rakkisaa akka ta'e ifaa dha. Pirojektiin barreefama UBS (fuula 330) NRSV filannoof sadarkaa "C" kenna (shakkii ta'uu qabu). Fakkiin kun Imbaaqoom 3:6 xiyyaafannoo ta'uu danda'a. UBS kan inni jedhu NRSV yookaan NJB dha. Kitaabni qulqulluun NET kan inni ilaaluu akka fakiiduu "Leenca" ti.

**76:5 "Jaboota"** jechi kun BDB 7 caasefama BDB 524) kan inni argisiisu tolee jechuu diduu, ilaalcha Waaqatti diina ta'uu (Isa. 46:12). Kunis immoo amala weerertootatti, isaanis

1. Kan du'an (jechuun, kan ciisan, fakiiduu du'aa)
2. Kan saamamee (BDB 1021, KB 1531, *Hithpoel* PERFECT)

Baay'ee sodaachuu isaanii irraa kan ka'e, loluu hin danda'an (jechuun, harka isaaniitti fayyadamuu).

▣
**NASB, NKJV** **"kan saamaman"**
**NRSV** **"boojuun isaanii kan jalaa fudhatame"**
**TEV** **"kan isaan qaban hunduu kan jalaa saamame"**
**NJB** **"kan jalaa fudhatame" (akka gochamaatti faayidaa irra kan oole Far. 76:4b)**
**LXX** **"rakkina irra kan jiran"**
**REB, JPSOA** **"boojuun kan jalaa fudhatame"**
**Peshitta** **"sodaan kan rukkutaman ta'aniiru"**

Kun kan hin baratamin (*Hithpolel*) KB (1531) irratti ibsameera akka "saamamu" kan jedhu. BDB (1021) isa kan ibsu akka "kan saamamee" ti. Weerertoonni magaala Waaqayyoo magaalaa/mana qulquluummaa saamuuf barbaadeera, garuu ofii isaanii saamaman.

**76:6 "Ifaata kee irraa kan ka'ee"** sagaleen jabaa YHWH in mo'a (Far. 80:16), inni akka uume (Uum.1, Iyo26:5-11, Far. 18:7-15, 104:5-9). Sagaleen isaa biyya lafaa kan irratti ciigoo fedha isaatiiti inni in dubbata, raawatameera!

Ifaati isaa ta'uu kan danda'u (BDB 172) kan eeru (1)iyya Leencaa Far. 76:4b. JPSOA Far. 76:2 kan ilaallatu olqa Leencaa akka eeruu dha (Iyo 38:39-40 akka waabitti fayyadamuu dhaan) ykn (2) iyya lolaa.

▣ **"Yaa Waaqa Yaaqoob"** maqaan kun kan inni irratti xiyaafate kakuu fi abdii YHWH irratti abbootaa wajjin.

▣ **"Lamaanuun abbaan fardaa tii fi Fardichi irriba jabaa dhaan kufan"** jechi kun gargar hiramuu Garba diimaa wajjin kan walqabatuu dha, Isiraa'el akka jalaa ba'u ramaddii falatamoo loltuu Gibxii ukaamsuu isaa (Ba'u. 14:28,30, 15:1,21). Fakkeenyi wal-fakkaataan kun Ermiiyaasiin ibsa kufaatii Baabiloon irratti argama (Efe. 51:21).

Jechuun kan danda'amuu Far.76:6, 76:5 irra deebi'ee akka teesisutti. Akkas yoo ta'e, "rafuu" oogummaa warra lolanii agarsiisuuf dadhabuu dha (jechuun, ajajamuu diduu harkawanii), du'a kan agarsiisu osoo hin taane, yeroo hundumaa "irribatti" kan ibsamu (Kes. 31:16, 2Sam.7:12, 1Mot. 1:21, Iyo.7:21).

Kakuu moofaan yeroo hundumaa Waaqayyoo namoonni akka hin hubanee yeroo godhu "iribba" "arguu" "dhaga'uu" fayadamuu dhaan (jechuun, Kes. 29:4, Far.69:23, Isaa.6:9-10, 29:10, Mik 3:6).

**76:7 "Akka sodaatu"** kun argisisuu kan danda'u

1. Waaqa kakuu tii fi diina saba isaatii
2. Waaqa tolfamaa ormootaa (Far.89:7, 96:4, 1Sen.16:25)

▣ **"Fuula kee dura maaltuu dhaabbata"** kun fakkii argiisiisa mana murtiiti, yeroo hundumaas bara dhumaa wajjin kan wal qabatu (Izira 9:15, Far. 130:3, Nah. 1:6, Milk. 3:2, Mul.6:17). Sabni Waaqayyo guyyaa sanatti fuula isaa dhaabbachuu danda'u (jechuun, Luq. 21:36, Yihuda lak. 24-25).

## MACAAFA FAARFANNAA 76:8-10

**8 Yeroo ati bantiiwwan waaqaa keessaa firdii**
**Dhageessifte, lafti immoo sodaattee calluma jette*.**
**9 Waaqayyo warra biyya lafaa kana irratti cunqurfaman**
**Oolchuudhaaf, firdii jabeessee dhaabuuf in ka'a.**
**10 Dheekamsi namootaa iyyuu ati caalaa akka jajamtu**
**In godha, dheekkamsa isa irraa hafus akka mi'a**
**Miidhaginaatti ofitti in hidhatta.**

**76:8-10** Far. 76:7 aanguu kanaa wajjin deemuu danda'a (NKJV, NRSV, TEV, NJB).

Akkaataa yaada barreefamaa kanatti "lfa irra kan jiran gad kan of qaban hundumaa" isaanis YHWH kan sodaatanii fi warra kabajanii dha kan inni argisiisu (Far. 40:13-17).
Qabiyyee walii gala isaa ilaali, akkasumas dhiibbaa gidduu jiru

1. Waaqayyo warra gadi of qaban in fayyisa
2. Garuu hundumtuu beekamtii isaaf kan laatan (Far. 72:11, 76:12, Fil. 2:6-11)

**76:10 “Haftee (kan hafan)”** jechi kun bifoota adda addaa heedduudhaan faayidaa irra ooleera. Mata-duree addaa: haftee (BDB 984), bifa sadiin

▣ Kun ajaa’ibsiisaa YHWH akka lolaatti eera (Isa.59:17). Kun fakkeenyi walfakkaataan Phaawuuloosiinis faayidaa irra ooleera, Efe. 6:10-17, innis “lola hafuuraa” kan ibsu. YHWH mo’aa dha! YHWH warra isatti amananiif mo’aa isaaniti!

Macaafni yaadannoon UBS (Fuula 669) NAB fi NEB (dabalataanis REB) lakkoofsa kan irratti dubbistoota in jijjiira, gar bakka tessuma lafaatti, kara Kaabaan (magaalaa) fi gara Kibbaan (saba) kan Filixeem, Far. 76:11b wajjin walcina gochuuf.

1. Nama ( אדם ) Eedoom ta’eera ( (אדם)
2. Dheekamsa ( המת ) Haamaas ta’eera ( (המת)

Rakkoon isaa “dheekmsa” jechi jedhu, yeroolama faayidaa irra ooluu isaati, Far. 76:10 irratti. Ta’I jedhamee waljijjiiraa jechaa yoo ta’e irra kan hafe, dubachiiftuun kun waljijjiiraa tilmaamaati, jedhees tokkollee deggersa warabbii hin arganne.

## MACAAFA FAARFANNAA 76:11-12

**11 Wareega gooftaadhaaf wareegaa, isa wareegdanis**
**Waaqayyo keessaniif baasaa! Warri naannoo isaa jiraatan**
**Warri naannoo isaa jiraatan hundinuu kennaa isaaf**
**Isa sodaatamu sanaaf haa fidan*!**
**12 Inni hafuura isa warra gurguddoota keessaa ka’u**
**Gad in deebisa, inni mootota lafa irraaf guddaa in sodaachisa.**

**76:11-12** Far. 76:7, 76:8 fi 9 wajjin akka deemuu, akkasuma immoo Far. 76:11-12 wajjin deemuu danda’a. (NKJV, NRSV,TEV, NJB). Keeyatichi mallattoo barreefamaa hin qabu inni kallatti yaada hafuuraan liqimfamuuhin qabu, barreefamni Ibirootaa. Keeyata akkaataa yaada barreefamichaatti dirqama mirkanaa’uu qaba (jechuun, tokkoon tokkoon keeyatichaa dhugaa giddu galeessa tokkoo yookaan dhimma mata duree qabaata).

**76:11a** kun kan ibsuu “isa gadi of qabaa” dha, Far. 76:9 irratti. IMPERATIVES lama faayidaa irra ooleera, gocha isaanii ibsuudhaaf.

1. Wareega wareegaa __ BDB 623, KB 674, *Qal* IMPERATIVE
2. Raawadhaas – BDB 1022, KB 1532, *Piel* IMPERATIVE (Lewoota 27; lakoofsa 30; Keessa deebii. 23:21-23)

**76:11b** Kan Far. 76:11 sararri lammaffaan *Hiphil* IMPERFECT qaba, bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole (“naannoo isaa kan jiran hundumtuu kennaa isaaf haa fidan…”). Kun ibsa gaalee sadaffaa yeroo ta’u, kan inni eeruus tokkoollee

1. Aarsaa galataa, raawwii wareegaa
2. Aarsaa galchuu (Lewoota 1-7)

Far. 76:11a sabni kakuu isaati duuka buutuu amanamoota kan eeru yoo ta’e, egaa 76:11b n kan inni argiisiisu addunyaa mara irra kan jiran duuka buutuu dha, isaanis YHWH kan waaqessan (Far. 45:12; 68:29,31; 72:10; Isa. 18:7; Sef. 3:10).

**76:11 “Isaafis kennaa in fidu”** Uma. 49:10 irratti kan beekaman/kan Yaaqoob/Israa’eel raajiin Yihuudaan Masihii gosa itti dhufu akka ta’e eera. Achittis *Shiloh*, ילה – (BDB 1010) “kan bituu irraa” wajjin wal cina, ta’us dubbifamicha qoqoduun in danda’ama, לה –, “kennaa isaatiif” gara jedhuutti,

dubbachiiftuu haaraa itti dabaluudhaan (NIDDOTe, jildi 4 fuula 1223). Kun sirrii yoo ta'e, eggaa YHWH n, "Kennaa" fudhachuudhaan mirkana'eera (Far. 68:29, 76:11, Isa. 18:7). Kun bu'an kennaa (baha dhi'oo duriitti) karaa ittiin guddummaa argisiisuu dha. Guyyaa tokkoo ormoonni gara YHWH in dhufu (mata-duree addaa ilaali: karoorri fayyisuu bara baraa YHWH).

**76:12** Fayyisuu YHWH/fayyinni kan walii gala akka ta'ee hundumaa (Far. 76:9), akkasuma immoo firdiin isaas in ta'a (Far. 76:12).

"Hafuura" jechi jedhuu (Ruuh, BDB 924) hiiki isaa nama dhuunfaa ti.

"Kutuu" jechi jedhu (BDB 130, KB 148, *Qal* IMPERFECT) hundee Ibirootaa yeroo ta'uu hiika heedduu qabaata.

1. Kutuu __ dhabamsiisuu
2. Kutuu __ walitti qabuu, akka yeroo makara wayiniitti
3. Kutuu __ bakka marfame dhokkachuudhaan (jechuun, daannoo)

Far. 76:11 irraa kan ka'e inni tokko ajaa'ibsifachuu danda'a, filannoo lak. 2 kan bara dhumaa walitti qabuu akka ta'e, sabni amanaan (jechuun, "gurguddoota" BDB 617 His. 28:2) Waaqayyoon kan sodatan (innis sodaachisaa kan ta'e, BDB 431, KB 432, *Niphal* PARTICIPLE) sodachisaa human isaa waamudhaan, Yarusaalemii fi saba kakuu isaa eeguudhaan

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Far. 76:1 kan inni calaqisiisu kan qoqoodame yeroo mottummaa mootichaa ti?
2. Far76:4 hiikuuf rakkisaa kan ta'eef maaliif?
3. Far. 76:9 kabiroon waliigala kan eerudhaa ykn ari'atama irra kan jiran Yihuudota kan eerudhaa?
4. Far. 76:11-12 lakkoofsa fuula isaa dura jiruu wajjin akkamitti adeema?

# FAARFANNAA 77

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gochaa jabaa Waaqayyoo yaadachuudhaan rakina irraa jajabaachuu dhaan MT seensa Geggeessaa Faarfatootaa, Faarfannaa Asaaf. | Kan jajabeessuu Hojii fayyisuu Waaqayyoo yaaduu | Rakkoo dhuunfaa irraa ooluuf kadhata | Yeroo rakkinaatti jajabaachuu | Kan Isiraa'el kan yeroo darbee xinxaluu |
| 77:1-6 | 77:1-3 | 77:1-3 | 77:1-3 | 77:1<br>77:2-3<br>77:4-6 |
| 77:7-10 | 77:4-6<br>77:7-9 | 77:4-10 | 77:4-10 | 77:7-9<br>77:10-12 |
| 77:11-15 | 77:10-15 | 77:11-15 | 77:11-15 | 77:13-15 |
| 77:16-20 | 77:16-20 | 77:16-20 | 77:16-20 | 77:16-17<br>77:18-19<br>77:20 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun amala kan godhate walcinadha (8). Faarfatichi yaadachiisaa jira, yeroo darbanitti inni kan godhee fi YHWH ni kan godhe.

B. Faarfannaa 77:11-15, 16-20 gocha YHWH irratti xiyyaafata

1. Fayyina
2. Uumama

C. YHWH dha
   1. Uumaa
   2. Lolaa
   3. Hirkisaa

D. Faarfannichi adda baasee eera
   1. Yaaqoob, Far.77:15
   2. Yooseef, Far.77:15
   3. Musee, Far.77:20
   4. Aaron, Far. 77:20

   Kan YHWH yeroo darbee kan gocha fayyiisuu fi deggeruu kan yeroo duriitii fi kan duraan jalqabe fakaata. Gaafiwan duraa fi antee ilaali Far. 77:7-9.

E. Faarfannaa 77:16-20 og-Waaqummaa fi haala fakkeenyaan kan wal-fakkaatu fakkaata, uumuu YHWH tiin Far. 74:13-17 irratti. Fakkeenyi bishaani Uum. 1 kan eeru fakkaata (jechuun, Uumama) ykn Ba'u. 14-15 (jechuun, Seera, Ba'uu).

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### MACAAFA FAARFANNAA 77:1-6

**1 Ani sagalee koo gara Waaqayyootti ol nan kaafadha,**
**Nan iyyadhas; ani sagalee koo gara Waaqayyootti**
**Ol nan kaafadha; innis ana in dhaga'a!**
**2 Ani guyyaa rakkina kootti goofticha nan barbaadhe;**
**Lubbuun koos jajjabaachuu didaan, halkaan guutuu**
**Harkii koo in diriirfame, in dhadabnees!**
**3 Waa'ee Waaqayyoo nan yaadadha, hafuura dheeraas nan**
**Baafadha; gadi fageessee ittii yaaduu koo irraan kan ka'es**
**Hafuurri koo in xinnaate.**
**4 Baalleen ija kooti akka walitti in qabanne goote, yaadni koo**
**In goolame, dubbachuus nan dadhabe.**
**5 Waa'ee wanta guyyoota bara duriitti wanta waggoota**
**Dur duriitti ta'es nan yaadadha*.**
**6 Isa ani dur mi'a ribuu qabuun faarfachaan ture**
**Halkan nan yaadadha; garaan koo in gadda, hafuurri**
**Koos kana in qorata.**

**71:1 "Sagalee koon gara Waaqayyootti nan iyyadha,"** gaaleen kun gaochama malee yeroo lama irra deddeebi'ameera, xiyyaafannoof. Faarfattichi yeroo hundaa jabeessee kadhata, ta'us garuu nagaa/bu'aa homaa hin arganne! Innis Waaqayyootti ni amana, garuu isa yaada, akka yeroo darbanii akka godhu, akkaata saba kakuu isaatti.

▣ **"Guddiseen iyyaa"** Gochamni kun (BDB 858, KB 1042, *Qal* COHORTATIVE) seera ba'uutii fi yeroo joorma lafaa onaa keessaa irratti yeroo hundaa faayidaa irra ooleera (Bau. 14:10,15; 17:4; Lak.

12:13; 20:16; Kes. 26:7). Jechuun kan danda'amu kan Far. 77:16-19 ibsi kanuma yeroo wal fakkaataatti ilaaluu isaati. Kadhatni callisuu addunyaa duriitti hin turre. Dubbisuu fi kdhachuun sagalee ol ka'aadhaan ture!

▣ **"Na dhaga'a"** kun lamaanuu mirkaneessuu fi gaaffachuu dha! Hafteen kutaa aanguu kanaa (Far. 77:1-6) dhiphina faarfattichaa ibsa, calisuu walii gala YHWH.

**77:2 "Guyyaa rakkina koo ti"**kun faarfannaa irratti gaalee irra deddeebi'aadha (Far. 50:15, 86:7, muraasaan kan adda ta'ee bu'eerefama gaalee garuu yaad-rimee wal fakkaataa Far.91:15, 107:6,15 irratti).

"Guyyaa" fayyadamni jedhu yeroo ibsa malee, sa'a 24 murtaa'ee keessatti miti. Mata-duree addaa ilaali: guyyaa (yom).

▣ **"Harkawwan koo halkaniin diriirfamaniiru"** "Guyyaadhaan" kan jedhu, sarara 1 irratti kan jiru "Halkaniin" kan jedhu wajjin wal cina akka ta'e hubadhu, sarara 2 irra kan jiru. Kun karaa labsii dhaabbataa ture, (jechuun, "Osoo hin dadhabiin") kadhata osoo wal irraa hin citinii (jechuun, "Harka diriirsuu").

Haalli ejjennaa kadhata Yihudootaa yeroo hundumaa

1. Dhabbiidhaan
2. Harki diriirfamuudhaan
3. Iji banamee, gara samiitti ol jechuun ture

(BDB 620, KB 669, *Niphal* PERFECT) akkuma jiruutti "Dhangalaasuu" dha. NIDDOTE, jildii 3, fuula 27, kan inni jedhuu, lak. Kana irratti kadhata kallatti lama qabuu wal makeera Faru. Erm. 2:19).

1. Waaqayyoon fuula duratti kadhataan laphee ofii dhangalaasuu
2. Waaqayyoon fuula duratti harka diriirsuu/ kaasuu

▣ **"Lubbuun koo jajjabaachuu hin dandeenye"** YHWHn kan hin dhageenyee fi kan hin goone fakkaata, kanaaf faarfattichi kadhata isaa itti fufeera! Kun Imbaaqoomi wajjin haala og-Waaqummaan wal cina (jechuun, Imb. 2:1).

**77:3** Duraa fi aantee *Qal* COHORTATIVES sadii qabu. Faarfatichi kadhataan nagaa argachuu hin dandeenye. Gochawwan YHWH darban (Far. 77:5) haala saba kakuun kan hojjetu kan jijjirame fakkaata (77:10b).

▣ **"Selaah"** Faarfannaa 3:2 irratti yaadanicha ilaali. Innis Far. 77:3, 9, 15 dhuma irratti ta'uu isaa hubadhuu NJB fi NKJV fayyadama isaa kan ilaalu akka cuftuu aanguu gara garaatti.

**77:4a** Sarara dubbii dacha kanaa wali walaalchiisa. Faarfattichi kadhata dhaabuu barbaada, YHWHn garuu (BDB 28, KB31, *Qal* PERFECT) kadhataan akka itti fufu godha. Kanas hiikuun in danda'aama, Waaqayyo damaqaa ta'ee akka turu kan godhu, sababa kanaatiif kadhata isaatiin akka itti fufu. Far. 77:4-6 kan tajaajiluu kan fakkaatuu gaaffillee ja'aaniif Far. 77:7-9 irratti kan jiru akka seensaa kan ta'uu dha, guduunfaa yaadamuu qabu sodaachiisaa wajjin, Far. 77:10!

Aanguun jalqabaa kan ibsuu tarreefama gocha faarfattichaati (Far. 77:11-12 irratti akka jiru). Kun kan galmeefame og-Waaqummaa wal'aansoo faarfatichaati, odeefannoo dabalataa akka argatuuf, waa'ee Waaqayyootii fi waa'ee fedha isaa namoota kakuu isaa fi karaa inni qabu. Faarfatichi ifa kan ta'e gargar cituu argisiseera, yeroo darbee fi kan ammaa gidduu kan jiru. Maaliif akka ta'e hubachuu hin dandeenye!

**77:6 "Nan yaadadha_nan xiinxala_gadifageenyaanan yaada"** isaan gochami sadan kan gochaa sammuu faarfatichaa kan ibsan (Far. 143:5) dadhabuu irraa kan ka'e (Far.77:1-5) akkasumas shakkii

irraa (Far.77:7-10). Hanga Far. 77:11-15, 6-20 hanga kanatti gara miira isaatti deebi'ee amala YHWH fi karaa Isiraa'eliin kan inni godhe amanuu kan hin dandeenye.

Gochami sadii (lammanuu gosa tokko) Far. 77:11-12 irratti irra deebi'ee uumamuu isaa hubadhu. Amantiin yeroo fi yaaduu fudhata! Amanamummaa mul'achuu isaatii fi shaakala dhuunfaa gara amantii cimaatti dabalamu.

▣ **"Halkanis faarfannaa"** Far. 42:8 irraa kan ka'ee gaaleen kun gocha ajaa'ibsiisaa YHWH kan eeruu ta'uu danda'a, kunis gara halkaniitti galata kan jijjiru (lammanuu, hubatanis osoo hin hubatinis). Faarfattichi kan galata halkanii fi guyyaa nagaa in beeka, haa ta'u malee amma haalliiinni keessa jiru baay'ee adda kan ta'ee dha.

Pirojektiin barrefama UBS yaadamuu kan qabuu sadii laata, NASB "Faarfannaa" jedhame jecha hiikame (BDB 618).

1. Muuziqaa __נגינתי (MT, NASB)
2. Gungumuu/qalbii ofii sasaabanii gadi fageessani yaaduu – והגיתי (LXX, Peshitta, NJB)
3. Gadda – נוגנתי (NEB)

▣ **"Lubbuun koos gadi fageenyaan yaadi"** gochamichi akkuma jiraniitti "Barbaaduu" jechuu dha (BDB 344, KB 341, *Piel* IMPERFECT Waw wajjin). Inni MASCULINE fi "Hafuura" (BDB 924) dabalataaniis FEMININE. Kanaaf, inni argisiisuu kan inni danda'u

1. Faarfaticha mataa isaa
2. Waaqayyo isa yeroo barbaadu (Far. 139:1; 23)

## MACAAFA FAARFANNAA 77:7-10

**7 "Gooftichi bara baraan in gataa ree? Deebi'ees**
**Faara in toluuree?**
**8 Gaarummaan isaa dhumee baraan iyyuu akka hin**
**Argamne ta'ee ree? Wanti inni dubbii isaatiin abdachiise,**
**Dhalootaa hamma dhalootaatti cite hafee ree?**
**9 Waaqayyo araara- qabeessa ta'uu hin irraanfatee ree?**
**Oo'a isaa akka hin argisiifneef dheekkamsaan karaa cufee ree?*"**
**10 Yommus ani, "Gochi harka mirgaa isa hundumaa gararraa jiruu;**
**Geddaramuun isaa yaada koo dhiphise" nan jedhe.**

**77:7-10** Aanguun kun faarfaticha irraa kadhata jeequ wajjin kan wal qabatu fakkaata, Far. 77:1-6 irratti kan jiru. Inni hubachuu hin dandeenye. Isaan duraa fi aantee rakkisaa kan ba'an, gaaffiiwwan sodaachiisaa gaaffata, kunis abdiiwwan kakuu YHWH fi amala isaa hin jijjiramne kan gaaffatan fakkaatu! Isaan kun baay'ee gaaffiiwwan sodaachisoo dha, kakuu moofaati! Inni walii galatti hin yaadu, rakkoon isaa kan uumame cubbuu irraa, ejjummaa irraa (waaqa tolfamaa kan waaqeessan), fi sabni kakuu isaa kakuu isaaf kan hin amanamne ta'uu akka danda'u.

Isaan gaaffiiwwan kun kallatti baay'ee dhiphisaa guduunfaa sobaati (jechuun, Far. 77:10)! YHWH n hin jijjiramne (BDB 1039, KB 1597) garuu saba isaati malee?

Derik Kedir, Tindale yaada bal'aa kakuu moofaa (fuula 308-309) ilaalchi inni fudhatu Faru. 77:10 bifa sirrii lakkoofsa xuqaa deebisuuti, faaruu. 77:11-20 kaninni wal-beekisisu. "seelahi" kan uumamu Far.77:9 dhuma irrattii dha, innis tokkummaan isaa kan ta'u Far. 77:10-15 aanguu waliin-maka (NKJV, JPSOA). Sagaleen faarfannichaa dhugumatti 77:11-20 irratti in jijjiira.

**77:7-8** faarfannaa 77:7 fi 8 jecha afur ykn gaalee qabu, isaanis miira faarfatichaa kan ibsan, YHWH dhaabbataatti Isiraa'eliin akka dhiise kan itti dhaga'ame.

1. Kan barabaraa, Far. 77:7 – BDB 761
2. Kan barabaraa, Far. 77:8 – BDB 664
3. Barabaraan dhiisuu ("dhuma irratti kan ta'e"), Far. 77:8 – BDB 170, KB 197, *Qal* PERFECT
4. Gara dhumaatti kan dhufe, Far. 77:8 – BDB 189 caasefama BDB 189

Lakk. 1 fi mata - duree addaa ilaali: barabara ('oolaaam). Irra deddeebiin kun soda faarfatichaa fi shakkii argisiisa.

**77:8 "Arjummaa"** mataduree addaa ilaali: arjummaa (heeseedi).

**77:10 "Guddaa**" kun maqaa ittiin waamaman kan Ibirootaati "*Eliyoon*" (BDB 71, mata-duree addaa ilaali: maqaa haafuurti) "kan oljedhe" ykn "kan olii" kan jedhu irraati. Innis Waaqayyoof faayidaa irra kan ooleedha. Uum.14:18-22, Lak. 24:16, Kes.Deb. 32:8 irratti, Isiraa'eloota kan hintaane.

Faarfannaan kun maqaa haafuuraa addaa addaa hedduu fayyadama

1. *Eloohiim*, Far. 77:1 (lamatta), 3, 13,16
2. *Adonaa'i*, Far. 77:2, 7 ("Gooftaakoo")
3. Guddaa, Far. 77:10
4. *Yah*, Far. 77:11 (gabaajee YHWH dhaaf)
5. *El*, Far. 77:9, 13, 14 (maqaa waliigalaa kan haafuuraa ,fayyadaa dhaan (bahaa dhi'oo durii)

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"kun gadda kooti"** |
| **NKJV** | **"inni aarii kooti"** |
| **NJB** | **"kun kan namadeessee dha"** |
| **JPSOA** | **"inni badii kooti"** |
| **Peshitta** | **"kun jabina dhabuu kooti"** |

Walii-galuu dhabuun jira beektota ammayyaa gidduutti, haala hundee Ibirootaatiin.

1. חלה, BDB 317 I – "dhukkubsuu" (NASB, NRSV, TEV, NET, REB, Peshitta)
2. חלה, BDB 318 II – "jaalalaan gaaffachuu" (NIV)
3. חלל, BDB 319 – "waraanuu" (NJB, UBS pirojektiin barreefamaa akka jedhuutti , "madaan koo," fuula. 333)

## MACAAFA FAARFANNAA 77:11-15

**11Yaa Gooftaa, gocha kee isa dinqisiisaa durii,**
**Wanta ati hojjettes nan yaadadha.**
**12Hojiin kee hundinuu yaada koo keessa jira,**
**Waa'ee wanta ati hojjettees nan yaada.**
**13Yaa Waaqayyo, karaan ati hojjettu karaa qulqullummaa ti,**
**Waaqayyo lii keessaa guddaan akka Waaqayyo keenya eenyu?**
**14Ati Waaqayyo isa hjii dinqisiisaa hojjettuu dha,**
**Aangoon kee saba lafaatti akka beekamu in goote.**
**15Ati saba kee ijoollee Yaaqoobii fi Yoseef irree**
**Keetiin furteetta.**

**77:11-15** Faarfattichi ammas gocha YHWH duraa irratti xiyyaafachuu barbaada (Far. 77:11-12, 14-15). Innis irra deebi'ee xiyaaffata, isaan kan hin jijjiramne amala addaa irratti (Far. 77:13 mata-dure addaa ilaali: tokkummaa (Waaqa tokko waaqeessuu).

Wal-cina ta'I jedhe ilaali, kan lakkoofsotaa, Far. 77:11-12 irratti, 77:6 irratti kan ta'an.

77:**11 "Dinqii**" innis hojii uumama fayyisuu YHWH agarsiisa. Mata duree addaa ilaalii: wantoota ajaa'ibsiisaa. Jecha wal fakkaataa (BDB 810) Far. 77:14 irratti faayiidaa irra ooleera, akkasumas hundee wal fakkaataa Far. 78:4, 11, 32, 107:8, 15, 21, 24, 31; 119:18, 27.

**77:13 "Karaan kee"** "Karaa" jechi jedhu (BDB 202) kan inni dubbatu

1. Mul'achuu isaa. Far. 119:14, Erm. 18:15 mataduree addaa ilaali: jecha mul'achuu Waaqayyoo
2. Gocha amala isaati (jechuun, Far. 119:3)

▣ **"Qulqulluu"** kun kan argisiisu

1. Amala Waaqayyoo
2. Mana qulqullummaa Waaqayyoo

Mata-duree addaa: qulqulluu

**77:14-15** wal cina isaa ilaali Far. 77:14b fi 15a gidduu kan jiru. Ta'es, gidduu garaagarummaan jira

1. Jabinni kee saba kee gidduu (jechuun, Israa'eloota warra hin taane, mata duree addaa ilaali:karoora oolchuu bara baraa Waaqayyoo)
2. Hirren kee saba kee oolcheera (jechuun, warra Israa'eel)

**77:15 "Kan oole"** mata-duree addaa ilaali oolche/oolchuu

## MACAAFA FAARFANNAA 77:16-20

**16 Yaa Waaqayyo, bishaanonni si argan, si arganiis**
**In hunkuraman; tuujjubni galaanaa immoo in raafame.**
**17 Duumessoonni bishaan in roobsan, duumessa**
**Keessaas qaqawweessa'e; xiyyi bakakkaa kee immoo**
**Kara-karaa in bu'an.**
**18 Sagaleen qaqawwee kee in adeeme, balaqqeessi**
**Bakakkaas biyya lafaa in ibse,**
**Lafichi raafamee in socho'e.**
**19 Karaan kee galaana keessa, daandiin kee bishaan**
**Gurguddaa keessa darbe, ejjennaan faana kee**
**Garuu in aragamne.**
**20 Ati harka Musee fi Aaroniin akka nama**
**Hoolota tiksuutti, saba kee in geggeessite.**

**77:16-20** Faarfatichi gara duubaatti deebi'ee uumama argisiisa (Far. 77:15) akkasumas seera Ba'uu (Far. 77:20). Waaqi uumamaa lolaa Israa'eel ta'eera!

Faarfannichi guduunfaa xumura faarfattichaa in teechisu. Inni eenyummaa YHWH fi gocha isaa yaadachuu fi xinxaluu, guduunfaa isaa/gaaffii isaa akka dhiisu akka godheetu yaadama Far. 77:10.

**77:16 "Bishanoota"**

Mata-duree addaa : bishaanoota

**77:20**a gaaleen kun amala faarfannaa Asaaf (Far.74:1, 78:52, 70-76, 79:13, 80:2). Mataduree akamiiti (jechuun, tiksee) Uumaa dhaaf/oolchaa dhaaf Waaqa! Inni nuu wajjin (faarfannaa 23).

**GAAFFILEE MAREE**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun faaruu nama dhuunfaa tokkoo (gadda) dha yookaan faaruu biyyaatti (gadda)
2. Far. 77:7-10 akkaataa og-Waaqummaattiin barbaachiisaa kan inni ta'u maaliif?
3. Far. 77:10 ergaa sirrii dha tokkoon ergaa alta'aa dha?
4. Faarfannaan kun kan inni fayyadame mallattoo fakkii uumama irraati yookaan seera ba'uu irraati?

# FAARFANNAA 78

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Geggeessaa Waaqayyoo saba isaaf, kan hin amanamne yoo ta'anis<br>Seensa MT barsiisa Asaaf | Garaamummaa Waaqayyoo Isra'eeloota warra hamootaaf | Seenaa Hojii guddaa Waaqayyoo fi amanamuu dhabuu sabichaa | Waaqayyoo fi saba isaa | Barumsa seenaa Israa'eel |
| 78:1-4 | | | | |
| | 78:1-4 | | 78:1-4 | |
| | | 78:1-4 | | 78:1-2 |
| 78:5-8 | | | | |
| | | | | 78:3-4b |
| | 78:5-8 | | 78:5-8 | 78:4c-6b |
| | | 78:5-8 | | 78:5c-6b |
| 78:9-16 | | | | |
| | | | | 78:6c-7 |
| | 78:9-11 | | 78:9-16 | 78:8 |
| | | 78:9-16 | | 78:9-10 |
| | 78:12-16 | | | 78:11-12 |
| | | | | 78:13-14 |
| 78:17-20 | | | | |
| | 78:17-20 | | 78:17-20 | 78:15-16 |
| 78:21-33 | | 78:17-20 | | 78:17-18 |
| | 78:21-25 | | 78:21-31 | 78:19-20 |
| | | 78:21-31 | | 78:21-22 |
| | 78:26-31 | | | 7823-25 |
| | | | | 78:26-28 |
| | | | | 78:29-31 |
| | 78:32-33 | | 78:32-37 | |
| 78:34-39 | | 78:32-55 | | 78:32-33 |
| | 78:34-39 | | | 78:34-35 |
| 78:40-53 | | | 78:38-39 | 78:38-39 |
| | 78:40-55 | | 78:40-51 | |
| | | | | 78:40-42 |
| | | | | 78:43-44 |
| | | | | 78:45-46 |
| | | | | 78:47-48 |
| 78:54-64 | | | | 78:49-50a |
| | | | 78:52-55 | 78:50b-51 |
| | | | | 78:52-53 |
| | | | 78:56-64 | 78:54-55 |
| | 78:56-64 | 78:56-66 | | 78:56-60 |
| 78:65-72 | | | | 78:61-62 |
| | | | 78:65-69 | 78:63-64 |
| | 78:65-66 | | | 78:65-66 |
| | 78:67-72 | 78:67-72 | 78:70-72 | 78:67-69 |
| | | | | 78:70-72 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Faarfannaan kun kan inni mirkaneessuu ce'umsi amantaa barbaachiisaa ta'uu isaati, dhalootni itti aanuu (Far. 78:1-4, 5-8).
   1. Gochaawwan Waaqayyoo
   2. Mul'achuu Waaqayyoo

B. Faarfannaan kun gocha amanamummaa Waaqayyoo fi gocha Israa'el hin amanamnee galmeefamee qabateera
   1. Seera ba'uu
   2. Joormaa lafa onaa
   3. Mo'uu

C. Wal cinaa fi waabii ilaaluu baay'ee karaan wayyuu lakkoofsa gabateeti, barreefama kan biro kakuu moofaa wajjin kan wal qabate.

Far.78: 12b – Lak. 13:22
Far. 78: 13 – Bau. 14:16,21
Far. 78: 14 – Bau. 13:21
Far. 78: 15 – Bau. 17:6; Kes. 8:15
Far.78: 16 – Lak. 20:8,10,11
Far. 78: 18 – Lak. 11:4
Far. 78: 19 –Bau. 16:3; Lak. 11:4; 20:3; 21:5
Far. 78: 20 – Lak. 11:18
Far. 78: 21 – Lak. 11:1
Far. 78: 22 – Kes. 1:32; 9:23
Far. 78: 24 – Bau. 16:4
Far. 78: 25 – Bau. 16:3
Far.78: 26 – Lak. 11:31
Far. 78: 27 – Bau. 16:13

Far. 78: 42 – Abo. 8:24
Far. 78: 43 – Bau. 4:21; 7:3
Far. 78: 45 – Bau. 8:6,24
Far.78: 46 –Bau. 10:14
Far.78: 47 – Bau. 9:23
Far.78: 48 – Bau. 9:19
Far.78: 49 – Bau. 15:7
Far. 78: 50 – Bau. 12:29,30
Far. 78: 52 – Bau. 15:22
Far.78: 53 – Bau. 14:19,20,27,28
Far. 78: 54 – Bau. 15:17
Far.. 78: 58 – Bau. 20:4;Lew. 26:1,30; Kes. 4:25;32:16,21
Far.78: 59 – Lew. 26:30; Kes. 1:34; 9:19; 32:19
Far.78: 60 – 1 Sam. 4:11

Far. 78: 29 – Lak. 11:19,20
Far. 78: 31 – Lak. 11:33,34
Far. 78: 32 – Lak. 14:11,16-17
Far. 78: 33 – Lak. 14:29,35
Far. 78: 34 – Lak. 21:7
Far. 78: 35 – Bau. 15:13;Kes. 9:26; 32:4
Far. 78: 36 – Bau. 24:7,8; 32:7,8
Far. 78: 38 – Bau.34:6; Lak. 14:20
Far. 78: 41 – Bau. 14:22
Far. 78: 61 – 1 Sam. 4:17
Far. 78: 62 – 1 Sam. 4:10
Far.78: 63 – Lak. 11:1; 21:28
Far. 78: 64 – 1 Sam. 4:17; 22:18
Far. 78: 66 – 1 Sam. 5:6
Far. 78: 69 – 1 Mot.6
Far. 78: 70 – 1 Sam. 16:12
Far. 78: 71 – 1 Sam. 10:1; 2 Sam. 5:2; 7:8
Far. 78: 72 – 1Mot. 9:4

D. Ilaalchi kanaa baay'ee kan fooya'e wal cina, jechuun Israa'eeliif kan hin amanamne ta'uu fi amanamummaa YHWH kan argisiisu Nah. 9 dha (dabalataanis HoE. 7).
   1. Waamamuu Abiraham __Far. 78:6-8
   2. Ba'uu __ Far. 78:9-14
   3. Joormaa lafa onaa keessaa __ Far. 78:15-21
   4. Mo'uu __ Far. 78:22-25
   5. Aboota firdii _ Far. 78:26-31

   Dabalataanis Faarfannaa 105-106 waa'ee amanamummaa Waaqayyoo fi waa'ee amanamummaa Israa'eel ta'uu dhiisuu akka ta'e ilaali!

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### MACAAFA FAARFANNAA 78:1-4

**1 Yaa saba koo, gurra keetiin barsiisa koo dhaggeeffadhu,**
**Gurra kee gara dubbii afaan koo keessaa ba'uutti qabi!**
**2 Ani jecha ogummaatiin afaan koo nan saaqqadha, jecha**
**Dhokkataa durii duriis bakkeetti nan baasa*.**
**3 Dubbii nuyi dhageenyee, beekuu bira geenyes,**
**Isa abboonni keenya nutty himan,**
**4 Gocha gooftichaa isa jajamaa fi aangoo isaa, dinqii**
**Inni hojjete, nuyi dhaloota dhufutti in himna malee,**
**Ijoollee isaanii jalaa hin dhoksinu*!**

**78:1-4** Faarfattichi saba kakuu isaa kadhata, mul'ata Waaqayyoo dhaga'ee deebii sirrii akka kennu (Far. 78:4c). Innis immoo isaan kadhata, dhugaa isaa ijoollee isaanii fi ijoollee ijoollee isaanii akkasumas tokkoon tokkoonn dhaloota haaraaf akka dabarsaniif (Kes. 4:9-10, 6:7, 20-25, 11:19, 32:46).

**78:1** IMPERATIVES lamatu jiru.
1. Dhaga'aa ("Dhageeffadhaa") _ BDB 24, KB 27, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Gura keessan as qabaa ("Deebisaa") _ BDB 639, KB 692, *Hiphil* IMPERATIVE

▣ **"Abboommii"** kun akkuma jirutti "barsiisuu" dha (BDB 435). Kuni "Dubbii afaan koo" kan jedhuu wajjin wal cinaa dha. Jechoota Ibirootaa adda addaa baay'een jiru, faarfannaa kana irratti faayidaa irra kan oolan. Mulata YHWHf.
1. Abboommii/barsiisa, Far. 78:1 __ BDB 435
2. Dhuga-baatii, Far. 78:5 __ BDB 730
3. Seera, Far. 78:5, 10 __ BDB 435
4. Abboommii, Far. 78:51 __BDB 846

5. Dhuga-baatiiwwan, Far. 78:56 __ BDB 729 1

Mata-duree addaa ilaali: jechoota argama Waaqayyoo.

Faarfannaan kun saba kakuu isaatiif kan inni barreefame (Faarfannaawwan yeroo hundumaa Waaqayyoon kan argisisanii dha). Kun kan seenaa ilaalcha faayidaa irra oolu kan fakkaatu (kan dubbifamu) ayyaana waggaatti yookaan guyyaa kabaja ayyaanaatti mana qulqulluummatti, saba Waaqayyoo jajjabeesuuf, isa darbee irraa baratanii gara fuulduraatti akka saba Waaqayyootti akka ta'uutti akka jiraatu.

**78:2 "Fakkeenya… mammaksa"**

1. Fakkeenya __ BDB 605
2. Mammaksa __BDB 295

Bifawwan gochamicha fi maqichaa, kan jechoota lamman kanaa Hiz.17:2 irratti argamu. Yaadannoo koo irratti gra gadiitti itti dabaleera.

Hiz. 17:2 lakkoofsi kun IMPERATIVES wal cinaa lamma qabu.

1. "Hippoo dhi'eessuu," BDB 295, KB 295, *Qal* IMPERATIVE, Abo. 14:12-19
2. "Fakkeenya dubbachuu," BDB 605 II, KB 647, *Qal* IMPERATIVE, 12:23; 16:44; 17:2; 18:2; 20:49; 24:3

Jechi "hippo" jedhuu (BDB 295, kan gochamichaa BDB 295, fi kan maqichaa, BDB 295 walitti dhufeenya isaa ilaalaa) jechuun, ka'umsa odeehffannoo tokkoo kan ta'ee labsii yookaan hubannoo akka argatu dabalata kan ta'e (Fak. 1:6).

"Fakkeenya" jechi jedhu BDB 605 II, kan mootichaa, BDB 605 II, fi kan maqaa isaa, BDB 605 II walitti dhufeenya ilaali) innis caasefama gababaa ciigoo fida, fakkeenyi ta'uu kan danda'u, karaa ittiin dhugaa argisiisan sadhatawaa kan fayyadamu.

Hizqi'eel baay'ee kan guddate qooqa fakiiduu fayyadameera, ari'amtoota amansisuudhaaf, firdii Yerusaaleem sirrii fi amansiisaa ta'uu isaa.

YHWHn dhugaa isaa dhoksuuf yaalaa hin jiru, garuu furtuun hubannoo kan inni dhufu isaa wajjin kan dubbatan/raajiiwwan ta'uu mirkaneessuu malee. Waaqayyoon gocha darbe tokkoon tokkoon dhalootaa ho'aa ta'ee hiikuutu irra jiraata.

Yesus lakkoofsa kana eereera, Matt. 13:35 irratti. Innis kana kan itti fayyadameef sabi isaa maaliif barumsa isaa akka hin hubanne ibsuudhaaf. Innis immoo haala Israa'eel darbe irra deebiin hiikeera. Inni kan inni mirkaneessee seenaa Israa'eel ga'umsa seenaa isa mataan isaa ta'uu isaa ti! Ta'us, kun haqa dinqisiisaa, yeroo sanatti ragaan ofii hin turre, garuu mul'achuuf kan jiru malee! Inni dhugaa, ga'umsa kan ibsuu dha (Matt. 5:17-19, 21-48)! Israa'eel seenaa ishee keessatti eyyamaa fi kaayyoo YHWH ilaaluudhaaf akka diddee, akkasumas immoo dhalootni Yesus Isa. 6:9-10; 29:13 raajiin ala jiraateera. Isaan akka warra Israa'eel turan, kan Far. 78:8!

**78:4** Tokkoon tokkoon dhalootaa waa'ee Waaqayyoo ijoollee isaanii barsiisutu isaan irra jiraata. Kun xiyaafannoo irra deddeebi'aadha, keessa deebii irratti, yaadannoo koo irraa **Keessa deebii 4:9 fi 6:7** irratti dabaleera.

**4:9 "Ijoollee isaanii akka barsiisan"** kun keessa deebii irratti ergaa irra deddeebi'aa dha (Kes. 4:10; 6:7, 20-25;11:19; 31:13; 32:46; fi Bau. 10:2; 12:26; 13:8,14 irra yaadanno jiru). Amantootni ijoollee isaanii waa'ee Waaqayyoo yoo hin barsiisne, akka maatiiti hin milkoofneef (akka jecha kitaaba qulqulluutti)! Amantiin maatii keessa fiiga (Kes. 5:10, 7:9)!

**6:7 "Isaanis xiyyaafannoo addaatiin ijoollee kee in barsiifta"** gochamichi (BDB 1041, KB 1606, *Piel* PERFECT) kan jedhu "kaasuu" dha, kanaaf piel irratti fayyadama qofaa dha. Jechi isaa hiika Ugaritiki "irra deebi'uu" dha. Sunis lakkoofsa kanaaf xiyyaafannoo bu'uuraa fakkaata.

Barsiisoonni lakkoofsa kana kan isaan itti fayyadaman Shemaan ganamaa fi galgala "irra deebi'amuun" akka irra jiraatuu dha. Nuyi waa'ee fedha Waaqayyoo dubbachuutu nurra jiraata, waa'ee jireenya keenyaaf waan inni qabu, akka hojii nuyii guyyaa guyyaati hojjenuutti. Amantii tooftaa jireenyaa ijoolleetti dabarsuun itti gaaffatamummaa maatii ti (Kes. 4:9, 6:20-25, 11:19, 32:46, yaadannoo guutuu ilaali 4:9 irratti). Dinqisiisaa kan ta'u, kan isaan kanaa barsiisuun yeroo adda addaatti dhangala'inni isaa kan inni buufatu garee barreefamaa gosa tokkoo ta'uu isaati, akka Far. 139:2-6 fi Fak. 6:20-22. Kunis itti gaaffatamummaa maatiif xiyyaafanaan Fak. 22:6 irratti irra deebi'ameera. Yeroon ammayyaa kan keenya mana barumsaa waldaa kristaanaa kan maatii bakka bu'uu hin danda'u, ta'us garuu sirritti deggeruu danda'a!

▣ **"Humna isaa dinqii inni hojjete"** Faarfannaan kun jechoota baay'ee qaba, mul'achuu fi fayyisuu Waaqayyoo ibsuudhaaf.

1. Far. 78:4
   a. Hojjiwwan dinqisiisoo ("Galata") __BDB 239, lak.4, Far. 9:14; 35:28; 79:13; 102:21; 106:2,47; Isa. 43:21; 60:6; 63:7
   b. Humna isaatiin__ BDB 739, Far. 145:6
   c. Hojjiwwan ajaa'ibsiisoo __ BDB 810, KB 927, *Niphal* PARTICIPLE, Mikiyas 7:15, mata-duree addaa ilaali: wantoota ajaa'ibsiisoo (dinqii)
2. Far. 78:7 – hojiiwwan Waaqayyoo – BDB 760, Far. 77:11,12; Mikiyaas 2:7
3. Far. 78:11
   a. Hojiiwwan isaa __ BDB 760, lak. 2 wajjin wal fakkaataa, fi lak. 32 wajjin
   b. Dinqiwwan isaa __ BDB 810, lak. 1 wajjin wal fakkaataa, c
4. Far. 78:12 __ Dinqii __ BDB 810 lak. 1 wajjin wal fakkaataa, c
5. Far. 78:32 __ hojiiwwan ajaa'ibsiisoo __ BDB 810, lak. 1 wajjin wal fakkaataa, c fi Far. 78:11
6. Far. 78:42 __ human isaatiin ("Harka") __ BDB 388, mata duree addaa: harka
7. Far. 78:43
   a. Mallattoowwan __ BDB 16, lak. 4 Bau, 102, Far. 65:8
   b. Dinqiwwan isaa __ BDB 68, lak. 1, Kes. 4:34, 6:22; 7:19; 26:8; 29:2; 34:11; Nah. 9:10; Far. 105:27; 135:9; Erm. 32:20-21
8. Far. 78:54 __ harki isaa mirgaa ni argate __ BDB 411, ata duree addaa ilaali: harka

## MACAAFA FAARFANNAA 78:5-8

**5 Inni abboommii isaaf dhugaa ba'u Yaaqoob keessatti**
**Jabeesse, seera isaas Israa'el keessatti dhaabateera;**
**Isaan kanas ijoollee isaanii akka barsiisaniif, inni**
**Abboota keenya in ajaje.**
**6 Egaa, dhaloonni itti aanu isaan kana akka beekutti,**
**Warri amma illee hin dhalatiin ka'anii, dabarsanii**
**Ijoollee Isaaniitti haa himan!**
**7 Isaanis immoo amanannaa isaanii Waaqayyo irra akka**
**Kaa'ataniif, abbommota isaas haa eegan malee,**
**Hojii Waaqayyoo hin irraanfatin,**
**8 Akkasumas akka abaabilii isaanii, warra boqqu-jabeeyyii,**
**Warra isa irratti ka'anis, warra yaadni isaanii waan tokkotti**
**Jabaatee hin dhaabanne, hafuurri isaaniis Waaqayyo isaaniif**
**Kan hin amanamne hin ta'in*!**

**78:5-8** Aanguun kun xiyyaafannoo kan inni itti kennu tokkoon tokkoon amanaa dhaloota itti aanuu amantii isaaniif waa'ee fedha Waaqayyoo hubannoo isaanii maatii isaaniif akka dabarsani dha (yaadannoo ilaali, Far. 78:4 irratti).

Amalawwan duukuu buutuu amanamoo

1. Amantii isaanii irra kaa'atu ("Abdii" BDB 492) Waaqayyoon irra
2. Hojiiwwan isaa hin hojjetan, Kes. 4:9,23; 31:6:12; 8:11,14,19 (yeroo lama); 9:7; 25:19
3. Abboommota isaa ni eeguu, Kes4:2,6,10; 5:1,10,29,32; 6:2,3,17,25; 7:9,11,12; 27:1; Iya.22:5

Faarfannaa 78:7 ergaa sirrii dha, kan guutummaa faarfannichaa, akkasumas 78:8 of-eegannoo cimaa dha, gochuun kan irra hin jiraanne!

**78:8** Ammam illee Waaqayyoo sanyii Abirahaamiif yoo godhee illee, isaan garuu amantii kan hin qabne turan (jechuun, 2Sen. 30:7, Hiz. 20:13, 18). Faarfannaa 78:8 amantii kan hin qabnee fi warra amantii qaban faallaadhaan wal madaalchisa.

1. Jall'aa __BDB 710, KB 770, *Qal* PARTICIPLE, Kes. 9:6,13; 10:16; 31:27
2. Fincilaa__ BDB 598, KB 632, *Qal* PARTICIPLE, Kes. 9:34; 31:27
3. Garaa isaanii warra hin qajeelfanne __BDB 465, KB 464, *Hiphil* PERFECT, Far. 78:37
4. Lubbuun isaani Waaqayyoon irratti kan hin amananne __ BDB 52, KB 63, *Niphal* PERFECT

## MACAAFA FAARFANNAA 78:9-16

**9 Ilmaan Efreem warri iddaa fi xiyya baataan,guyyaa**
**Lolaatti gara booddee isaanii deebi'an;**
**10 Isaan kakuu Waaqayyoo hin eegne, akka seera isaatis**
**Deddeebi'uu in didan.**
**11 Isaan wanta inni hojjete, dinqii inni isaan**
**Argisiisee in irraanfatan.**
**12 Biyya Gibxiitti, bakkee Zo'aanitti, fuula abboota isaanii**
**Duratti Waaqayyo hojii dinqisiisaa in hojjete;**
**13 Inni galaana gargar hiree, gidduu isaan dabarse,**
**Bishaanis akka tuullaatti akka dhaabatu godhe*.**
**14 Guyyaa duumessaan, halkan guutuu immoo ibsaa**
**Isaan in geggeesse*.**
**15 Inni lafa onaa keessatti kattaa dhoosee, bishaan**
**Baay'ee akka galaanaa kenneefii isaan obaase;**
**16 Kattaa keessaa bishaan in yaase, akka lagaatti**
**Isa keessaa akka lola'u in godhe*.**

**78:9-16** Aanguun kun Seera Ba'uutti kan inni eeru. Waabiiwwan kan biroon ifoo miti (jechuun, Far. 78:9), warri tokko tokko garuu (akkaataa qabiyyee yaada barreefamichaatti, c) baay'ee ifoo dha.

Efreem gosoota warra kaabaa karaa argisiisu ta'uu danda'a. Yoosee fi Iyaasun lamman isaanii gosa Efreem keessaa turan, innis, haala lakkoofsaatiin isa guddaa ture. Efreemii fi Minaaseen lamman isaanii ijoollee Yooseef, haadha dubbartii Gibxii irraa. Yaaqoob Efreemiin caalchisee eebbise, isa angafa Minaasee caalaa (Uma. 48:14-20).

**78:10** Gochamicha hubadhu "Eeguu" (BDB 1036, KB 1581, *Qal* PERFECT, alta'aa) fi "adeemuu" (BDB 229, KB 246) wal cinaa fi jireenya kakuu kan ibsan ta'uu isaanii. Abbomamuun kakuu Musee irratti barbaachiisa dha (Lew. 26, Kes. 27-30).

**78:11** Yeroo sanatti dhaloonni Israa'eel YHWHn waan isaaniif godhe hundumaa hir'aanfataniiru yeroo seera ba'uutti (Kes. 8:11—20). Kanaafis hojii fayyisuu YHWH isa guddaa lakkoofsi eeran baay'ee dha.

**78:12 "Zo'aan"** jechi kun (BDB 858) Gibxii jalatti "daannoo" dha. Kun da'oo/daannoo jabaa kan qabu naannoo garba Gibxii cinatti, akkasumas immoo Geseem jedhama (caafii laga Abayii gara ba'aa cina), Isra'eeloonni yeroo Yoosefitti kan achi buufatan. Magaalatinis maqoota adda addaattiin beekamti yeroo adda addaati.

1. Zo'aan (Lak. 13:22)
2. Xaane'oos
3. AvaarisRaamsees ( Raamsees II itti fufee kan mogaafame, Bau. 1:11, 12:37, Lak. 33:3)

## MACAAFA FAARFANNAA 78:17-20

**17 Isaan garuu ittuma dabalanii isa in yakkan,**
**Lafa onaattis aabba guddicha irratti in ka'an;**
**18 Nyaata dharra'an sana "Fidi" jechuu isaaniitiin,**
**Waaqayyoon garaa isaaniitti in qoran.**
**19 Isaan Waaqayyo irratti in dubbatan,**
**"Waaqayyo lafa duwwaatti maaddii dhi'eessuu danda'aa ree?**
**20 Eeyyee, inni akka bishaan keessaa futta'utti kattaa rukuteera;**
**Lagoonni bishaan keessaa yaa'aanis argamaniiru; amma immoo**
**Inni buddeena kennuu in danda'aa'aa ree? Saba isaatiifis**
**Foon in argaafii ree?" jedhan.**

**78:17-20** Aanguun kun ibsa itti fufuu, abboo kan hin qabne, Israa'el hin abboomamneef, seera ba'uu fi joormaa lafa honaa.

**78:18 "Waaqayyoon qoran"** gochamichi (BDB 650, KB 702, *Piel* IMPERFECT Waw wajjin) yeroo baay'ee faayidaa irra ooleera Israa'eel Waaqayyoon qoruu isaan (Bau. 17:2; Lak. 14:22; Kes. 6:16; Far. 78:18,41,56; 95:9; 106:14).

## MACAAFA FAARFANNAA 78:21-33

**21 Kanaafis Waaqayyo kana dhaga'ee dheekkamsi**
**Isaa in boba'e, ibiddi Yaaqoobitti in qabate,**
**Aariin isaas Israa'el irratti in jabaate.**
**22 Isaan Waaqayyootti hin amanne,**
**Gargaarsa isaas hin amananne.**
**23 Utuma ta'u iyyuu inni ol gararraadhaa**
**Duumessoota ajajeee, balbaloota waaqaas in bane,**

**78:21-33** Israa'eel abbomamuu diduu gargar hin cinne YHWHn akka isaaniitti faradu godheera. Fakkeenya tokko kan nuuf ta'uu YHWHn uumama ol kan ta'e nyaata kennuu dha (Simbiroota). Innis eebbicha akkamitti akka fudhatan itti hime, isaan garuu ammas kan hin abboomamne ta'an (Bau.11). Gochi isaaanii waa'ee YHWH haala ilaalchaa YHWH kan qaban.

1. Hin amanan, Far. 78:22
2. Hin amanaman, Far. 78:22
3. Kana hundumaa oli immoo ammas cubbuu hojjetan, Far. 78:32

**78:22 “Amanuu_amanachuu”** mata - duree addaa ilaali: amanuu, amanachuu, amantii fi amanamuummaaa kakuu moofaatti.

**78:23 “Balbaloota waaqaas bane”** “Samiiwan” (mata-duree addaa ilaali: samiwanii fi mataduree addaa: samiidhaa fi samii sadaffaa) kan yaadaman gogaadhaan akka maraameetti akka banti manaa geengoo ta’eetti, akka dibbeetti. Bantiin manaa geengoo ta’e kun bishaan gubaa irraa jiru gara lafaatti akka hin buune adda baasa. Isaan kan yaadan foddaa banamuu fi cufamu akka qabanitti, fedha Waaqayyoo irratti murtaa’anii, akkasumas gocha ilma namaa irratti (Uma. 7:11, Milk. 3:10). Waaqayyo in kenna

1. Bokkaa (Uumama)
2. Nyaata (Faarfannaa)
3. Eebba (Milkiyaas)

**78:24:25 “Nyaata samii irraa… buddeen ergamootaa)** kun kan eeru manna dha (Bau. 16). YHWHn in kenna (Far. 78:38), isaan garuu finciltoota turan.

Manna (BDB 577 I) waan adii dha, akka fixeensaatti kan uumamu. Maqaan isaas kan dhufe Bau. 16:4 irraati “Maaliidha?” kan jedhu. Innis kennaa nyaataa dinqisisaa dha, yeroo joormaa lafa honaa. Innis guyyaa tokko qofaaf kan ta’uu dha kan isaan walitti qabatan (kennaa Waaqaa guyya guyyaan) yoo ta’uu baatee in bada (Bau. 16:16-21), sanbata dura guyyaa ta’e irraa kan hafe, guyyaa lamaaf kan ga’uu kan walitti qabatan, innis hin badu (Bau. 16:22-29). Akka daakuutti bilchaata. Innis Israa’eloonni Yordannoosiin akka ce’aniin irraa dhaabbate (Iya. 5:12).

**78:27 “Biyyoo… ciracha”** jechoota sadan kana keessa jechoota lama (biyyoo, ciracha, urjii) baa’ina kan qabu ibsuu dhaaf fayidaa irra kan oole. Isaanis dhabbataatti kan wal-qabsiisan sanyii abbootaa baayyee wajjinii dha (jechuun, abdiin Waaqayyoo Abiraamiif, Uum. 12:2).

1. Biyyee – Uum. 13:16; 28:14; Lak. 23:10
2. Ciracha – Uum. 22:17; 32:12; 2 Sam. 17:11; 1 Mot. 4:20
3. Urjii – Uum. 15:5; 22:17; 26:4; Ba’u. 32:13; Kes. 1:10; 10:22; 28:62

**78:29-31** Waaqayyo simbiroota kenneef, sabichi garuu ammas Waaqayyo kennuufi isaa hin amanan, akkasumas simbiroota baay’ee baay’attan walitti qaban, faayidaa itti fufuuf. Kunis Waaqayyoon hin gammachiifne, akkasumas firdiin isaa isaan irratti kufe (Lak. 11:31-35).

Irra deebi’ee deddeebi’ee kakuu moofaa irratti, Waaqayyo saba isaatti dubbateera, maal akka godhan, isaan garuu hin didan, karaa mataa isaanis godhatan. Yeroo yerootti bu’aa firdii kanaa in qabaata! Dhimmi isaa “amanachuu” dha! Ammas isuma!

**78:33**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **“akkasumaan kan dhumu”** |
| **NASB xiyyoo** | **“akkasuman, akka hafuuraa”** |
| **NRSV** | **“akka hafuuraatti kan baduu”** |
| **NJB** | **“gidduutti kan badu”** |

Jechi kun (BDB 210 *)* lalaba irratti jecha furtuu dha. Gara gadii kan jiru yaadannoo koo ilaali, lalaba 1 irratti.

**Lalaba 1:2 “kan wa’ee hinbaasne dhuguma kan wa’ee hinbaasne”** kun kan Ibirootaa wal-dorgomsiisuu isa caaluudha (1:2 fi 12:8). Hiiki jechichaa “Fixeensa,” “Hafuura,” yookaan “Dumeessa” dha (BDB 210 I, Yaaqoob 4:14). Xiyyaafannoon isaa, inni tokkoo (1) Akkasumaas yookaan (2) Jireenyi namaa kan yeroo ta’uu isaa. Akkataa yaada barreefichaatti isa jabaa deggera (H.C. Lehopoldi, ibsa Lalabaa, fuula 41).

Kun jecha furtuu fi kitaaba kana irratti gaalee irra deddeebi’aa dha (Lal. 1:2,14; 2:1,11,15,17,19,21,23,26; 3:19; 4:4,7,8,16; 5:7,10; 6:2,4,9,11,12; 7:6,15; 8:10,14; 9:9; 11:8,10; 12:8). Jechichi haala lafaadhaan macaafa ogummaa kan birootiin faayidaa irra ooleera: Iyoob yeroo 5 faarfannaan yeroo 9 fakkeenyi yeroo 3.

Yaadi-rimee addaa addaa macaafa kan keessa kan jiru ibsa cimaa akkamitti akka ilaalan hubachuuf seensa isaa ilaali, barresichi, H. Ani filannoo lak. 1filadha. Kun tilmaama dura og-waaqummaa gareen macaafa itti hike ta’a.

▣ **“Hundumtuu akkasuumaan”** hundee isaa hubadhu, “akkasumaan” (BDB 210 I), yeroo shan lakkoofsa tokko kan irratti fayidaa irra ooleera! Yaadannoon macaafa Makibab UBS kan jedhu jechicha hubachuun kan nurra jiraatu

1. Akka waan hin geenyeetti
2. Hiphoo ishee
3. Dhoksaa ishee
4. Hubachuuf akka rakkisuu dha

Inni walitti dhufeenya kan inni godhuu dhugaan isaa jireenyi gaaffii deebii hin qabneen akka guutamee dha (fuula 4). Beekuumsa ogumma namni qabu kana in hubata, garuu Waaqayyoon amanachuu isaa itti fufuu isaa itti fufuutu irra jiraata abboommi isaas eeguu.

Kun kan inni argisiisuu kan jireenya dhugaa ta’uu dhiisuu gocha hin yaadamnee dha. Isaan kunis bu’aa namummaa kufeeti, jireenya human mataa isaaniitiin jiraachuudhaaf yeroo yaalaan Waaqayyootti adda ba’uudhaan. Kufaatiin kunis haala dhiisee dha (Uma. 3)!

“Hundumtuu” kan jedhu jechi Ibirootaa (BDB 481), yeroo hundumaa kan hiikuu “waan hundumaa” kan jedhu yeroo ta’u jecha baratamee dha, haa ta’u malee irra deddeebi’ee faayidaa irra kan oolu lallaba irratti (jechuun, yeroo 9 boqonnaa tokko irratti yeroo 17 boqonnaa 2 irrattii, yeroo 13 boqonnaa 3 irratti kkf). Qohelizin qooqa kan fayyadaman kan dabalatu xiyaafannoo og-waaqummaa isaa ibsuuf

1. To’annaa Waaqayyoo fi olaantummaa
2. Bu’aa dhabeesummaa ilma namaa fi kan yeroo

## MACAAFA FAARFANNAA 78:34-39

**34 Yeroo inni isaan keessaa ajjeesetti isa in iyyaafatan,**
**Gara isaatti deebi’anii dhimmanii isa in barbaadan.**
**35 Isaan kattaan isaanii Waaqayyo akka ta’e,**
**Waaqayyo inni hundumaa gararraa jirus**
**Furee isaanii akka ta’e in yaadatan.**
**36 Isaan garuu afaan isaaniitiin isatti kuulan,**
**Arraba isaaniitiinis soba itti dubbatan.**
**37 Garaa isaanitiin garuu isaaf cimoo hin turre,**
**Kakuu isaafis hin amanamne.**
**38 Inni garuu oo’a qabeessa waan ta’eef,**
**Yakka isaanii isaaniif in dhiise, lafa irraas**
**Isaan hin balleessine; inni yeroo baay’ee aarii**
**Isaa gad ittise, dheekkamsa isaa hundumaas ol Kaafne,**
**39 Inni namoota foonii duwwaa ta’uu isaanii, yookiis**
**Akka qilleensa darbuu malee deebi’ee hin dhufne**
**Ta’uu isaanii in yaadata*.**

**78:34-39** Anguun kun kan ibsuu qalbii jijjirannaa sobaati, hafteen Isiraa'elootaa, akkasumas YHWHn isa irratti ejjennoo inni fudhate.

1. Qalbii jijjiirannaa fakkeessuu, Faarfannaa 78:34-35
   a. Isaan ilaalaniiru
   b. Isaan gara isaa ilaalaniiru
   c. Isaan gammachuu dhaan isa barbaadataniiru
   d. Isaan Waaqayyoo kattaa/oolchaa akka ta'e yaadataniiru
2. Kan isaanii inni dhugaaan yaadi isaanii/gochi isaanii (Far.78:36-37)
   a. Soba gananiiru (Far.78:36 afib,Isa.29:13)
   b. Lapheen isaanii isa irratti jabaa hinturre
   c. Kakuu isaatiif amanamoo hinturre
3. Ejennoon YHWH (tarkaanfii) (Far.78:38-39)
   a. Inni garaa laafaaf ture (Ba'u. 34:6, 9:17, Far.103:8, mataduree addaa ilaali: amalli Waaqa Isiraa'el)
   b. Isinii dhiiseera jedhe ("hin golgeeef," BDB 497, KB493, *Piel* IMPERFECT)
   c. Isaan hin balleesine
   d. In deebi'e ("naana'uu") dheekamsa isaa irraa
   e. Dheekamsicha hundumaa itti in kaasu
   f. Foon akka ta'an yaadeera'oo (Far. 103:14) har'a as jiraatee bor kan hin jirre

   Faarfannaa 78:38-39 barreefama barsiisotaa hedduu dhaan faayidaa irra ooleera. Innis gudunfaa amala Waaqayyooti (Bau 34:6, Nahi.9:17, Far. 103:8-14).

**78:35** Maqaa Hafuuraa addaa addaa ilaalaa.

1. Eelohim (BDB 43, KB 52)
2. Kattaa isaanii (Far.18:2, 19:14)
3. Eel (BDB 42, KB 48)
4. Eliyoon (BDB 751, KB 832)
5. Oolchaa isaanii (Far. 19:14)

## MACAAFA FAARFANNAA 78:40-53

**40 Isaan lafa duwwaa keessatti si'a meeqa isa irratti ka'an,**
**Si'a meeqas lafa onaa keessatti isa gaddisiisan!**
**41 Isaan deddeebi'anii isa qoran;isa qulqulluu**
**kan Israa'eel In aarsan.**
**42 Isaan jabina hir'ee isaa;isa inni qabaa amajaajji**
**Keessaa Isaan fure yaadatti hin qabanne.**
**43 Yeroo inni Gibxitti millikitoota argisiisa; dinqii isaas**
**Bakkee Zo'aanitti hojjete,**
**44 Inni bishaan laga isaanii dhiigatti diddire,**
**Isaan yaatuu keessaas dhuguu hin dandeenye*;**
**45 Inni gurmuu qarxaasaa isa isaan nyaate;**
**Fattees isa biyya isaanii balleesse isaanitti erge*.**
**46 Inni midhaan isaanii kuruphisaa fi;**
**ija waan itti dadhabaniis hawaannisaaf kenne*;**
**47 Muka wayiinni isaanii cabbiidhaan, arbuu isaaniis**
**Qorra itti buusee in balleesse*;**
**48 Saawwan isaanii cabbiitti, karra horii isaaniis**
**Bakakkaatti in kenne;**

**[49] Inni garee ergamoota balleessanii, aarii isaanii**
**Isa finiinaa, dheekkamsa, koomee rakkinas hiikee**
**Isaaniitti gad dhiise.**
**[50]Aarii isaatiif karaa bane gadi dhiise, jireenya isaanii dha'icha**
**Sanatti kenne malee inni lubbuu isaanii du'a in oolchine*.**
**[51]Inni biyya Gibxii keessatti angafa ta'ee kan dhalate hundumaa,**
**Human isaanii isa jalqabaas godoo ijoollee Kaam sana**
**Keessatti rukute*.**
**[52]Saba isaa immoo akka holootaatti achi keessaa baase;**
**Akka karra horittis lafa onaa keessaa karaa argisiise*.**
**[53]Inni nagaadhaan isaan in geese, isaanis in sodaanne,**
**Dinoota isaanii garuu galaanatu irra gara galle*;**

**78:40-53** aanguu kana irra haalii nama rakkisu jira, YHWHn Israa'eelitti faraduu isaan (Far. 78:40-41) fi Gibxi irratti kan murteesse gidduu, yeroo seera ba'uutti. Dha'ichi isaa Far. 78:43-51 irratti ibsameera, finciltoota geggeesitootni warra Gibxii kan argisiisuu dha.

YHWHn Israa'eeloota hin amanne irratti qooda faradu (jechuun, yeroo joormaa lafa onaa keessaa, Far. 78:40-43), inni gaachana isaanii ture (Far. 78:52-53).

Kan Israa'eeliif hin amanamne akkamitti akka kaafame ilaali.

1. Irratti fincilan, Far. 78:40
2. Irratti gunguman, Far. 78:40
3. Qoraniiru, Far. 78:41
4. Mufachisaniru, Far. 78:41
5. Humna isaa/mallattoowwan/dinqii isaa hin yaadne, Far. 78:42

**78:44-51** Lakkoofsotni kun kan isaan ibsan dha'icha Gibxiiti.

1. Bishaan/laga gara dhiigaatti __ Bau. 7:17-19
2. Tisisoota __Bau. 8:16-18
3. Fatteewwaan __ Bau. 8:2-6
4. Kuruphisa/hawwaanisa__ Uma. 8:21, 10:4-6
5. Cabbii __ Bau. 9:18
6. Dha'icha/dhukkuba __ Bau. 9:8-10
7. Du'a angafoota __ Bau. 11

Duraa fi aanteen lakkoofsi isaa sirrii miti, haa ta'u malee ifatti kurnanuu kan Bau. 7-11 dha'ichi kun kan eeramanii dha, ciigoon firdii Waaqayyoo ta'uu isaanii irraa kan hafee.

**78:49** Lakkoofsi kun jecha kadharaa duraa fi aantee fayyadama, dheekkamsa Waaqayyoo ibsuudhaaf (Far. 78:39).

1. Dheekamsa boba'u __ BDB 354 caaseefama BDB 60 I
2. Dheekamsa __ BDB 720
3. Aarii __ BDB 276
4. Rakkina __ BDB 865
5. Garee ergamaa badii

Lakkoofsi 5 ciigoo dha innis dheekamsa Waaqayyoo mi'a irratti akka namaa kan godhamu. Ba'uu irratti akka argisisuutti du'a angafootaa, manoota mallattoon irratti hin godhamne, Waaqayyo ofii isaatii ta'ichi akka ta'u waan godheef (Bau.11:4, 12:12). Kun booda irratti hubannaa Yihudummaa ta'e "ergamaa du'aa" kan jedhu (jechuun, Sama'eel yookaan Aziraa'eel"), kitaabni qulqulluun garuu adda baasee in eeru, ammam illee 2Sam. 24:16, 2Mot. 19:35, 1Sen. 21:15, Isa. 37:36, isa tokko yoo argisiisees. Barsisootni immoo kan isaan mirkaneessan Far. 89:48 kan isaan argisiisan isa akka ta'ee dha

(jechuun, targuum, “Ergamaa du’aa ilaalu”) tuqaan og-Waaqummaa kan inni ta’u Waaqayyoo dha, seexana yookaan ergamaa osoo hin taane, du’a kan hordofu!

**78:50** kun kan ciigoo qophii gochaati. Kan itti fufan sararoonni lamman kan isaan argisiisan dhimma kana irratti firdii YHWH ti.

**78:52** Waaqayyo akka tikseetti ergaa irra deddeebi’aadha, Faarfannaa Asaafin.Yaadannoo ilaali Far. 77:20 irratti.

**78:53** lakkoofsi kun waabiiwwan seenaa lama qabu.

1. “Geggeessaan isaanii” kan inni argisiisu Shekanahi dha duumessa ulfinaa, innis warra Isra’eelootaa kan geggeesse (Bau. 13:21, 14:19, 24, 33:9, 10)
2. “Dinoota isaanis galaani isaan ukaamse” kan inni argisiisu galaana Ertiraa gargari hiruu fi achi irraas kan deebi’ee bishaan kan Gibxii loltoota filatamani fi konkolaataan fardeenii liqimfamuu isaaniiti (Bau. 14-15)

## MACAAFA FAARFANNAA 78:54-64

**54Gara biyya isaa isa qulqullaa’aatti, gara tulluu harki**
**Isaa mirgaa qabateettis isaan in fide*.**
**55 Inni Saba warra kaan fuula isaanii duraa oofee baasee,**
**Lafas dhaala isaanii godhee muka buusuudhaan**
**Isaaniif in hire; gosa Israa’elis godoo isaanii keessaa buufachiise*.**
**56Isaan garuu Waaqayyo isa hundumaa gararraa jiru qoranii**
**Isa irrattis in ka’an; abboommi isa isaaf dhugaa ba’us hin eegne*.**
**57Isaan irraa garagalanii akka abboota isaanii haxxummaa hojjetan,**
**Akka iddaa qajeeltootti xiyya hin darbannee, isaanis dalga in goran.**
**58Iddoowwan ol ka’oo irratti sagadaniin tuttuqanii isa in aarsan,**
**Waaqayyolii tilfamoo isaaniitiinis isa in hinaafsisan*.**
**59Waaqayyo kana dhaga’ee dheekamsi isaa in boba’e,**
**Israa’elinis raawwatee in tuffate.**
**60Iddoo taa’umsa isaa isa Shiiloo, godoo isa namoota gidduutti**
**Keessa buufates in dhiise*.**
**61Inni sanduuqa kakuu isa humna isaa argisiisus harka diinaatti in kenne*.**
**62Inni saba isaa billaatti dabarsee kenne, warra dhuunfaa isaa irratti**
**Dheekkamsa isaa in bobeesse.**
**63Dargaggoota isaanii ibiddati fixe, durboota isaaniifis weedduun**
**Gaa’elaa hin weeddifamneef.**
**64Luboonni isaanii billaadhaan in dhuman, haadhonni hiyyeessaa**
**Isaanis isaaniif boo’uu hin dandeenye*.**

**78:54-64** Aanguun kun biyyatti abdii sana mo’uu fi hundeessuu (mana jireenyaa ta’uu) irra deebiin ni eera (Uma. 15:12-21). Gosootni warra Kanaa’aan (mata duree addaa ilaali: Israa’eloota kan dursu jiraatoota Filisxeem) Waaqayyoon mo’ameera dhabamsiifameeras, sababa cubbuu isaaniitiif. Bifa gadisiisaadhaan gosoota Israa’eel irratti waan wal fakkaataatu ta’e.

**78:55b** Kitaaba Iyaasuu, Bobonnaa 12-19, kan lafichaa qoqodama lafichaa mul’isa, ijoollee Yaaqobiif.

**78:56-58** Isaan sararoonni ciigoo kun cubbuu fi hameenya Israa'eeliif mul'isu, kunis baay'ee kan sodaachiisuu dha, Waaqayyo isaaniif kan inni godhe wajjin (Luqaas 12:48).

1. Isaan Waaqayyoon qoraniiru, Far. 78:56a
2. Isaan Waaqayyoon irratti fincilaniiru, Far. 78:56a
3. Isaan kakuu isaa hin eegne, Far. 78:56b
4. Isaan dugda isaanii isatti gatan, Far. 78:57a
5. Isaan akka abboota isaanii ganan, Far. 78:57a
6. Akka xiyya dabaatti garagale, Far. 78:57b
7. Waaqa tolfamoo warra Kanaa'aan dheekamsiisan, Far. 78:58a
8. Fakkii isaanii bocamen hinafsisan, Far. 78:58b

**78:59-64** Isaan lakkoofsonni kun kan isaan ibsan Waaqayyo Israa'eelota irratti maal akka godheedha, akka gocha isaaniitti (Far. 78:56-58).

1. Inni dheekamsaan guute
2. Inni Israa'eloota baay'ee tuffate
3. Inni iddoo bultii Seeloo bakkicha dhiise (1Sam. 4:11)
4. Inni Israa'eel akka mo'amuuf dhiise
5. Inni warra Israa'eel billaadhaaf dabarsee kenne
6. Inni dhaala isaa irratti dheekamsaan guutame
   a. Abiddi ijoollee dargagoota (ga'eesoota) nyaate
   b. Babareedunnis gaa'ila hin godhanne
   c. Lubboonni ni ajjeefaman
   d. Haadhi hiyyeesootaa ni bo'an

Fillaannoowwan namaa bu'aa qabu, lammanuun kan yeroos ta'ee kan bara baraa!

**78:62 "Dhaala"** kun "Saba isaa" kan jedhu wajjin wal cina dha (Far. 106:40). Mallaattoon fakkii kun ka'umsi isaa Kes. 9:29 dha. Innis akka mallattoowwan biroo baay'ee, maatii irraatti kan xiyyaafatee dha.

**78:63 "Abidda"** mata-duree addaa ilaali: abidda

## MACAAFA FAARFANNAA 78:650-72

**65Yemmus gooftichii akka waan hiribaa dammaquutti,**
**Akka loltuu jabaa daadhii wayinii quufee dhaadatuutis**
**In ka'e.**
**66 Inni amajaajii isaa rukkutee gara booddeetti isaan deebise**
**Amma bara baraattis yeellotti isaan kenne*.**
**67Inni godoo Yooseef in tufate, qomoo Ifreemis hin fo'anne;**
**68Qomoo Yihuudaa garuu, tulluu Xiyoon isa jaallates in fo'ate.**
**69Mana qulqullummaa isaa akka idoowwan ol ka'ootti in ijaare,**
**Akka lafaattis bara baraan hundee isaa jabeesse in dhaabe.**
**70Inni Daawitiin hojjetee isaa in godhate, karaa holootaa keessaas**
**Isa in baafate.**
**71Haadhooti hoolaa ilmoolee qaban tiksuu biraas, Yaaqoobiin**
**Saba isaa, Israa'eeliinis dhuunfaa isaa akka tiksuuf isa fide*.**
**72Kanaaf Daawiit garaa qajeelaadhaan isaan tikse, harka-tolinaanis**
**Isaan in geggeesse.**

**78:65-72** guduunfaan aanguu kun kan inni ibsu Waaqayyo akkamitti dheekamsa irraa akka deebi'uu dha, gara kaayyoo karoora oolchuu isaatti itti fufuuf (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).

1. Waaqayyoo akka namaati ibsameera, gara miira isaatti akka deebi'u (mata-duree addaa ilaali: Waaqayyo akka namaatti yeroo ibsamu)
2. Inni diina saboota isaatti mo'eera
3. Inni komatamuu bara baraa jalaa isaan oolcheera
4. Inni irra deebiin beeksiseera, duraa duuba gosootaa, akka bakkawwan geggeesaati
   a. Akka tikseetti ibsameera
   b. Garaa cimaa qabaa
   c. Harkawwan leenjisaman qaba

Waaqayyo gosoota warra kibbaa dhiisee Yihuudaa fillachuun isaa akka fakiiduu heerameetti kan fakkaatu kan faarfannaa kanaa bifi isaa xumura irratti kan barreefame Israa'eel irraa/Efreem/Sanaariyaa kufuu isaa booddee dha, Dhloota Kristoos dura bara 722, Sooriyaaf.

Aanguun kun fakkeenya fooyya'aadha, Waaqayyo olaantummaa isaa akkamitti akka mirkaneessu. Abdiin aadaa jijjirameera, to'annoo Waaqayyoo argisiisuuf.

1. Yihuudaa, Efreemiin osoo hin taane
2. Xiyoon, Seeloo osoo hin taane
3. Daawiit, ijoollee Eseey kan biroo osoo hin taane

Kunis og-Waaqummaan abbootaa wajjin wal fakkaataa dha, dubbartoonni dhabduun hundumtuu heerummuu isaanii. Ijoolleen isaanii uumamaan oli_kan uumamaa kennawwan Waaqayyooti. Inni yeroo, bakka, seenaa, fi fayyina ni to'ata!

# FAARFANNAA 79

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Wowaanaan badiisa Yerusaaleemi fi kadhata gargaarsaa<br>Seensa MT<br>Faarfannaa Asaaf | Faarfanna bo'ichaa fi kadhatni Israa'eeliif, dinootaan kan balleefameef | Kadhata diina biyyoolessaa irraa oolfamu | Kadhata biyya isaa oolchuuf | Wowaanaa biyyoolessaa |
| 79:1-7 | 79:1-7 | 79:1-4 | 79:1-7 | 79:1-2 |
| | | | | 79:3-5 |
| | | 79:5-7 | | |
| | | | | 79:6-7 |
| 79:8-13 | 79:8-10 | 79:8-10 | 79:8-10 | 79:8-9 |
| | | | | 79:10-11 |
| | 79:11-12 | 79:11-13 | 79:11-13 | |
| | | | | 79:12-13 |
| | 79:13 | | | |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali kutaa seensaa)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. Kkf

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**MACAAFA FAARFANNAA 79:1-7**

> [1]**Yaa Waaqayyo, warri saba kee hin ta'in, isa ati dhuunfaa kee**
> **Godhateettii galaniiru; mana qulqullummaa kee xureessaniiru;**
> **Yerusaaleminis lafatti dabalaniiru*;**
> [2]**Isaan, allaattiin qilleensa keessa balali'an reeffa hojjetoota kee,**
> **Bineensi lafaas foon warra siif of kennanii,**
> **Akka nyaataniif kennaniiruuf*.**
> [3]**Naannoo mandara Yerusaaleemitti dhiiga isaanii**
> **akkuma bishaanii dhangalaasan, namni awwaluus hin argamne;**
> [4]**Nuyi saba olla keenya jiraniif muka ga'oo, warra biyya**
> **Naannoo keenya jiraniifiis ceephoo fi tuffiidhaaf taaneerra*.**
> [5]**Yaa Waaqayyo, kun hamma yoomittii akkas ta'a?**
> **Baruma hundumaa in aartaa ree? Hinaaftee dheekamuun**
> **Kees ittuma fufee akka ibiddaa in gubaa ree*?**
> [6]**Saba lafa irraa warra si hin beekne irratti, mootummoota**
> **Maqaa kee hin waammanne irrattis dheekkamsa kee dhangalaasi*.**
> [7]**Isaanoo ijoollee Yaaqaoob fixaniiru; qe'ee isaas onsaniiru*.**

**79:1-3** Isaan lakkoofsoonni kun wereertoonni ormaa saba kakuu irratti kan isaan godhan argisiisu (PERFECTS).

1. Dhaala kee marsan ("Seenan") __BDB 97, KB 112, *Qal* PERFECT
2. Mana qulqullummaa kee in xureesan __BDB 379, KB 375, *Piel* PERFECT
3. Yerusaaleemiin diigamtuu godhan ("Kaa'uu," "Bakka," "Jiraachuu) __ BDB 962, KB 1321, *Qal* PERFECT
4. Reefa warra du'anii kenna… simbiroota samiif nyaata __BDB 678, KB 733, *Qal* PERFECTS, Erm. 7:33; 16:4; 19:7; 34:20
5. Dhiiga isaanii dhangalaasan __BDB 1049, KB 1629, *Qal* PERFECT, Far. 79:6, 10
6. Nama isaan awwaalus in dhaban__BDB 868, KB1064, *Qal* PARTICIPLE

Yihuudiif raawwatee galuufi hin dandeenye, Waaqni isaanii lafa isaanii maaliif wereertootatti dabarsee akka kennee fi manni qulqulluummaa akka xuraa'uuf dhiisuu isaa (jechuun, Ambaaqoom). Kunis isan waan gaafatu fakkaata:

1. Humna
2. Abdiiwwan
3. Kayyoo inni Israa'eliif qabu

Faarfannaa 79:8-13 deebii isaa kennaa (Dan. 9:1-14).

**79:1 "Yaa Waaqayyoo"** Kun waamamtoota baay'ee keessaa isa jalqabaati.

1. Yaa Waaqayyo (Eeloim), Far. 79:1
2. Yaa Gooftaa (YHWH), Far. 79:5
3. Yaa Waaqayyoo (Eeliyon) Far. 79:9
4. Yaa Gooftaa (Adonanay), Far. 79:12

AB amma dabalata lamaani ga'a (fuula 249).

5. Yaa Waaqayyoo, Far. 79:6
6. Yaa barreessa፣ Far. 79፡8

▣ **"Dhaalli kee"** Faarfattichi yeroo ammamitiif xiyaaffannoo akka kennee hubadhu, miidhaan isaa YHWH irratti ta'uu isaa.

1. Dhaala kee, Far. 79:1

2. Mana qulqullummaa kee, Far. 79:1
3. Garboota kee, Far. 79:2, 10
4. Ulfina maqaa keef, Far. 79:9
5. Maqaa keetiif jettee, Far. 79:9
6. Saba kee, 79:13
7. Hooloota atti bobbaafte, Far. 79:13

▣ **"Diddiigamaan"** kun jecha darbee darbeeti (BDB 730) innis Mikiyaas irratti yeroo lama faayidaa irra kan oole.

1. Badiisa Samaariyaatiif, Mik. 1:6
2. Badiisa Yerusaalemiif, Mik. 3:12 (Erm. 26:18 irratti kan eerame)

Faarfannaan kun kan inni callaqqisiisu kufaati Yerusaaleemi Nabukedinastor, Dhaloota Kristoos dura bara 586 (2Mo. 25, 2Sen. 36 fi Faru Ermiyaas ilaali).

**79:2** Awwalcha seeraan alaa namoota faayidaaf (baha dhi'oo durii) dhiphisaa ture. Bineeldootni wal nyaachuun ta'ii sodaachiisaa ture (Erm. 7:33; 8:2; 34:20; Ez. 29:5; 32:4-6; 33:27; 39:4-5,17-20). Faarfannaa 79:2 raawwii dha, Kes. 28:26 irra kan jiru abaarsa abboomamuu diduun ta'e!

Mata-duree addaa: sirna awwaalchaa

**79:3** sarara jalqabaa lakkoofsa kanaa kan ibsuu sirna waaqefannaati, achittis dhiiga aarsichaa gara bakka aarsaatti hundeen bakka buufamuutti, muraasa qofa kan ta'e gaanfaa sirdaasichaa kan aguuguu ala (jechuun, Lew. 4:7). Yerusaaleem akka aarsaa waaqeeffannaatti diigamteetti reeffii warra du'anii bineensoota bosonaaf akka afeeraa.

**79:4** saba kakuu ta'aniiru

1. Qeequu("mufachiisu," BDB 357) sab aormaa olla isaanii, Far. 44:13, 69:9, 19, 80:6, 89:41
2. Kan kolfaa ("Kan qaldii,"BDB 541), Far. 44:13, Hiz. 23:32, 36:4
3. Kan qaldii, Far. 44:13, Erm. 20:8 (maqaa, BDB 887, yeroo sadii qofa faayidaa irra kan oole akkasumas bifa gochamaatiin yeroo dabalataa sadii, kakuu moofaa irratti)

Kunnis sirritti faallaa isaati, Waaqayyoo kaayyoo inni Israa'eeliif qabu wajjin, kanas ormootni akka beekan akka hubatanii fi gara isaatti akka dhufan (Hiz. 36:22-23).

**79:5** Gaaffiiwwan sadan kun

1. Amma yoomittii? (Far 13:1; 74:10; 80:4; 89:46; 90:13; 94:3)
2. Amma bara baraatti dheekamtaa? (Faru. 44:23 74:1; 77:7; 85:5; 89:46)
3. Hinaafaan kee akka abiddatti boba'aa? (Far. 89:46)

Israa'elitti bitaa galuu fi kadhatni xiyyaafannoo dha. YHWHn sanyiiwwan Abirahaamiif kan qabaachaa turee walitti dhufeenya addaa jijjiramne (Far. 89:1-4)?

YHWHn kaayyoo hin jijjiramne qaba (Lew. 26, Kes. 27-30, mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH), garuu isaan yaadachuun kan isaan irra jiraatu kan eegumsaa, kan soortuummaa, fi ta'iiwwan abdii argama isaati ta'uu isaaniiti (mata-duree addaa ilaali: kakuu). Tokkoon tokkoon dhalootaa kakuu isaatti hammatamee jiraachuutu irra jira. Faarfannaawwan kan kakuu moofaa "Karaawwan lammanuu" kutaa akka ta'an yaadadhu (Kes. 30:15-20, Far. 1).

**79:6-7** kun kadhannaa dha ("Dhangala'uu," BDB 1049, KB 1629, *Qal* IMPERATIVE) YHWHf, firdii fi fayyisuu irratti akka hojjetu (Far. 79:9) saba kakuutiif (Erm. 20:25). Ormootni amallii isaanii (BDB 156) akkamitti akka kaafamee hubadhu.

1. Siin hin beeku (mata-duree addaa ilaali: beekuu)
2. Maqaa kee hin waaman (mata-duree addaa: gadiiduu akka fakiiduu, eegumsaa fi kunuunsa)

Yaadatamuun kan irra jiraatu ormii
1. Mul'ata dhugaa hin qaban
2. Yaadan liqimfamuu hafuura hamaa to'annoo waaqefannaa waaqa tolfamoo jala jiru

Israa'eel akka ta'uu yaadamee kan ture argama YHWH sarara qunamtii akka ta'u ture, waa'ee ofi isaaf. Ajaa'ibsiisaa kan hin taaneef ormoonni karaa ta'uu hin qabneen gochuu isaaniiti (Far. 79:7). Ajaa'ibsiisa kan ta'u Israa'eel, akka faayidaawwan hafuuraa hundumaati (Rom. 9:4-5), karaa mataa isheetiin gochuu isheeti (Luq. 12:48)!

**79:7 "Isaan qabuu hooti"** MT "Inni qaba hooti" kan jedhu qaba, garuu waraabbii durii "Isaan" kan jedhuu dha kan qaban (LXX, Soriyaan, Valget). Jijjiramichi kan wal qabate irra deebiin dubbifamaa (sagaleen) ni dha.

▣

**NASB, NRSV "mana jireenyaa"**
**NASB xiyyoo "bobaasuu"**
**NKJV "bakkawwan bulti"**
**TEV "biyya"**
**NJB, JPSOA "mana"**
**REB "biyya dhalootaa"**

Hundeen kun (BDB 627) hiikawwan baay'ee qabu.
1. Bakka bultii tiksee (jechuun, Erm. 33:12) yookaan kan namaa (jechuun, Iyoob. 18:15)
2. Mana jireenyaa sabaa (jechuun, Erm. 31:23 __Yihuuda, 49:20 _ Edoom, 50:45 _Baabiloon)
3. Magaalaa (Isa. 33:20)
4. Bakka fagoo bakkawwan loltootaa (NIDOTTE, jildi. 3, fuula. 55, jechuun, Far. 79:7; Isa. 27:10; Erm. 10:25; 25:30)
5. Mana jireenyaa (jechuun, lafa, Erm. 25:30)
6. Bakka boqonnaa (BDB 628, Isa. 32:18 wal cina)

Faarfannaa 79:7 fayyadama lakkoofsa lamaati fufee.

## MACAAFA FAARFANNAA 79:8-13

**8Yakka obbooloota keenya warra durii nutti hin yaadatin!**
**Nuyi mataa buufneerra, oo'a keetiin dafii nutti adeemi*!**
**9Yaa Waaqayyo isa fayyina nuuf laattuu, ulfina maqaa keetiif**
**Jedhii nu oolchi, cubbuu keenyas nuuf dhiisi!**
**10Sabni lafa irraa, "Waaqayyo isaanii eessa jira?"**
**Jechuudhaaf maaliif karaa argatu? Dhiiga hojjetoota kee isa**
**Dhangalaafameef, ija keenya duratti gumaa baasuun kee warra**
**Saba kee hin ta'in irratti haa beekamu*!**
**11Aadnaan warra hidhamanii si bira haa ga'u, irree kee isa**
**Cimaadhaan warra du'I itti faradame ati hambisi!**
**12Yaa gooftaa, arrabsoo sabni ollaa keenyaa ittiin si arrabsan,**
**Harka torba godhii mataa isaaniitti deebisi*!**
**13Nuyii namoonni kee, warri tika kee jala jirru garuu,**
**bara baraan si galateeffanna, dhalootaa hamma dhalootaattis**
**jajuu kee in himna*!**

**79:8-9** Dhimootni fayyadan lama lakoofsoota kana keessaa ba'u.
1. Kadhatni Israa'el Waaqayyoodhaaf, kakuu isaa akka yaadatu

2. Kadhatni Israa’el Waaqayyoodhaaf, itti fufiinsaan kan isaan godhan fincila kakuu fi abboomamuu dhiisuu akka hin yaadanne

Bu’uura kadhata isaaniitiin kan isaan godhan ormii YHWH dhugaa akka malee akka hin gargaare jedhuu dha (Far. 79:10).

Isaan lakkoofsoonni kun lama gaaffii arifachiisaa IMPERATIVES afurii fi IMPERFECTS lama bifa JUSSIVES faayidaa irra kan oole.

1. Hin yaadatin - BDB 269, KB 269, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
2. Hariifadhuu kottu - BDB 554, KB 553, *Piel* IMPERATIVE
3. Nu wajjin wal arguuf - BDB 869, KB 1068, *Piel* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
4. Nu gargaari– BDB 740, KB 810, *Qal* IMPERATIVE
5. Nu fayyisi - BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE
6. Cubbuu keenyaaf dhiifama nuuf godhi - BDB 497, KB 493, *Piel* IMPERATIVE

**79:8** sarara 1 cubbuu irra darbee dhimma og-Waaqummaa kan eeruu dha (fi yookaan baay’ee/dhiifama) dhaloota itti aanuuf. Jechoota kurnaniin

1. Bu’aa cubbuu amma dhaloota sadaffaa fi afraffaatti hordofa (Bau. 20:5, Kes. 5:9)
2. Araarris dhaloota baay’eef, YHWH kan jaallatanii fi abboommii isaa warra eegan, isaaniif (Bau. 34:7, Kes. 5:10, 7:9(

Lammanuu bu’aan cubbuu fi araaraa yeroo keessatti ta’u, ta’us garuu tokkoon tokkoon isaanii kan bu’uurefamanfilannoo namaa irratti!

**79:9 “Waaqa keenyaa fi qoricha keeyaa hoo”** gaaleen kun waamama irra deebi’amee dha, Waaqa Israa’eliif (Far 18:46; 24:5; 25:5; 27:9; 65:5; 85:4).

BDB karaawwan baay’ee tarreesa, “Fayyina” jecha jedhu (BDB 447) kakuu moofaaa irratti faayiidaa irra kan oolan.

1. Dubbartii (saala dhalaa)
   a. Faayiidaa, badhaadhina
   b. Fayyisuu
   c. Hameenya alaanii irraa fayyisu (jechuun, Far. 78:22, 80:2)
   d. Mo’icha (jechuun, Far. 20:5, 21:1, 5, 44:4)
2. Dhiira (saala kormaa)
   a. Fayyina, faayidaan isaa, badhaadhina  (jechuun, Far. 12:5)
   b. Fayyina (fayyadamni as jiru)
   c. Mo’icha (jechuun, Far. 20:6)

**79:10-13** saboota gosa lachuu hubadhuu (jechuun, warra Israa’eeli __ orma). Ormootni waa’ee YHWH hin beekan kanaaf karaa sirrii hin taaneenidha kan isaan raawwata. Isra’eel firdii kadhata, sabi isaa

1. “Galata haa dhi’eessaniif” __ BDB 392, KB 389, *Hiphil* IMPERFECT
2. “Galata kee haa dubbataniif” __ BDB 707, KB 765, *Piel* IMPERFECT

Dhiphina faarfattichaa ilaaluun naasiisaa dha, kufaatii Yerusaalemiin, manni qulqullummaa xuraa’uu, fi ari’atama sanyii Daawiti irratti. Ta’us, amantiidhaan, galata gara fuulduraa ammas ilaalu danda’eera!

**79:10 “Waaqni isaanii eessa jira?”** warri ormaa gaaffii cimaa gaafateera (Far. 42:3, 10, 115:2). Faarfannaa 42 irratti inni israa’eloota kan biroo gaaffateera, garuu faarfannaan 115 fi asitti warra ormaan. Isaan odeefannoo barbaaduu yookiin Waaqa Israa’elittii qoosaa jiruu? Fillanoon inni lammaffaa akkaata haala yaada barreefamichaatti ifaadha, garuu fillannoon inni jalqabaa Waaqayyoof kaayyoo ga’umsaati (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).

**79:11 “Akka ajeefamaniif warra itti faradame”** kun gaalee yeroo hundumaa hin taanee dha (Far. 102:20). Innis argisiisuu kan inni danda’u

1. Bittaa werertootaa jalaa kan hafan
2. Du’a kan eeggatan
3. Mana qulqullummaa irraa kan dhorkman (JPSOA yaadannoo miila jalaa, Far. 79:13)

**79:12 “Dachaa torba”** Lakkoofsi torba yeroo hundaa kan inni argisiisu “Qulqullummaa” dha (mata-duree addaa ilaali: lakkoofsoota fakkeenyaa, qulqulluu sagalee isaan) asitti garuu kan inni argisiisu firdii qulqulluu dha (Kes. 28:25, Far. 12:6, Fak. 6:31) (Bau. 4:15, 24)

▣ **“Gara bobaa isaanitti”** “Bobaa” jechi jedhu (BDB 300) bifa baay’eedhaan kitaaba qulqulluu irratti faayidaa irra kan inni oole. Asitti kan inni eeru kutaa keessoo namaati (Far. 35:13, Erm. 32:18). Faarfattichi firdii qajeelaa kadhataa jira, ormoota weereran irratti (jechuun, Isa. 65:6,7).

▣ **“Warra sitti qoosan qoosaa isaanii”** maqaa fi gochama “Qoosuu” yookaan “Qaladuu” (BDB 357, Far. 74:10, 18 fi hundee wal fakkaataa Far. 74:22; Faru. Erm. 3:30,61; 5:1) yeroo hundumaa qulqulluu sagalee isaa irratti faayidaa irra ni oola. Faarfattichi Yerusaalem irratti miidhaa ga’uu YHWH irratti akka miidhaa ga’eetti.

**79:13 “Hoolota bobaaftu,”** ajaa’ibsiisaa kan ta’u faarfannaa Asaaf irratti ergaan kun Faarfannaa 77:78, fi 79 irratti guduunfaa ta’uu isaati (akkasumas Faarfannaa 80 akkamitti akka jalqabe ilaali). Innis isa jabaa, kan dhuunfaa dhugaa/fakkaatti callaqisiisa, kan faarfannaa 23 ti!

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Dhaloota Kristoos dura bara 586 kan faarfannaa kanaa seenaan yoomessaa foyyaa’aa ta’uuf tilmaamamee?
2. Waaqayyo saba isaa irratti maaliif dheekame? Faarfannaa kana irratti sabootni isaa eenyuufaadhaa?
3. Cubbuun gara dhalootaatti naanna’aa?
4. Far. 79:10 karoora oolchuu bara baraa Waaqayyoo wajjin akkamitti walitti dhufa? (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).
5. Far. 79:12b dhiifamaa fi kadhata fayyinaa wajjin akkamitti walitti dhufa?

# FAARFANNAA 80

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo ni kadhatama, saba isaa badiisa irra akka fayy fayyisuuf<br>Seensa MT<br>Dura taa'aa faarfatootaa faarfannaa Asaaf | Kadhata waa'ee deebi'u Israa'eliif | Kadhata dinoota biyyoolleessaa irraa oolu | Kadhatni waa'ee sabaaf deebi'u | Kadhatani waa'ee Israa'el |
| 80:1-3 | 80:1-2<br>80:3 | 80:1-2<br>80:3 | 80:1-2<br>80:3 | 80:1-2<br>80:3 |
| 80:4-7 | 80:4-6<br>80:7 | 80:4-6<br>80:7 | 80:4-6<br>80:7 | 80:4-6<br>80:7 |
| 80:8-13 | 80:8-11<br>80:12-13 | 80:8-13 | 80:8-15 | 80:8-9<br>80:10-11<br>80:12-13 |
| 80:14-19 | 80:14-18 | 80:14-18 | 80:16-18 | 80:14-16<br>80:17-18 |
| | 80:19 | 80:19 | 80:19 | 80:19 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Maqaawwan adda addaa kan Waaqa Israa'eel/kan ittiin waamamuu ilaalaa.
   1. Tiksee Israa'el, Far. 80:1 (Far. 23:1)
   2. Yaa Waaqayyo (Eelohim), Far. 80:3
   3. Gooftaa (YWHW), Far. 80:4, 19
   4. Gooftaa maccaa Far. 80:4, 7, 14, 19

   Mata-duree addaa ilaali: maqaa hafuuraa.

B. Gaaleen faarfatootaa jira, aanguu heedduu kan of keessatti qabate: Far. 80:1-4, 4-7, 14-19. IMPERATIVES lama fi COHORTATIVE tokko qab. Innis kan araaraa, dhiifama, fi kadhata deebi'uu ti.

C. "Masihii" waabii qabaata, kan inni wajjin deemus
   1. "Biqiltuu" (BDB 488), kunis "Damee" wajjin og-Waaqummaa wajjin kan wal qabatu kan qabu (BDB 66, Isa. 4:2, 11:1, 53:2, Erm. 23:5) fi "Biqilaa" f (BDB 855, Erm. 33:15, Zak. 3:8, 6:12).
   2. "Nama mirga keetii"
   3. "Ilma namaa isas ofii keetiif jabaa kan goote"
   4. Akkasumas "Eegduu Israa'el" ta'a, kunis sanyiin Daawitiif hiika fiduu kan danda'u filannoo kan biraa kan ta'u mallattoon hunduu saba Israa'el yookaan Yihuudaa wajjin wal qabachuu isaati.

D. Teesuma faarfannaa kanaa irraa kan ka'e (jechuun, faarfannaa Asaaf keessatti) fi Far. 80:12-13 gara Yihuudaan weeraramuutti agarsiisa, guyyaan isaas dhaloota Kristoos dura bara 586.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 80:1-3

**1Yaa Tiksee Israa'el, ati inni Yoseefin akka**
**Hoolotaa geggeessite, dhaggeeffadhu! Ani inni teessoo**
**Kee isa Kirubeel baatan irra jirtu,**
**Ifa kee keessan mul'adhu*!**
**2Efreem, Beniyaaminii fi Minaasee duratti,**
**Jabina keetiin ka'I, nu gargaaruudhaafis kottu!**
**3Deebisii nu dhaabi, Yaa Waaqayyo!**
**Nuyi akka fayyinuttis fuulli kee nuuf haa ibsu*.**

**80:1-3** Aanguun kun kan godhamee duraa fi aantee gaaffiiwwan IMPERATIVES dha.
1. Dhaga'I, Far 80:1 – BDB 24, KB 27, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Ibsi, Far. 80:1 – BDB 422, KB 424, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Sochoosi, Far. 80:2 – BDB 734, KB 802, *Polel* IMPERATIVE
4. Oolchuudhaaf kottu, Far. 80:2 – BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
5. Nu deebisi,Far.80:3 – BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE
6. Ibsi, Far. 80:3 – BDB 21, KB 24, *Hiphil* IMPERATIVE (kun eebba Aaroon kan callaqisiisu fakkaata, Lak. 6:25 irra kan jiru, akkasumas Far. 31:16 irra yaadannoo jiru)
7. Ni fayyina, Far. 80:3 – BDB 446, 448, *Niphal* COHORTATIVE

**80:1 “Yaa eegdu Israa’el”** Gaaleen kun argamuu Waaqayyoo fi kunuunsa gara laafummaa isaa argisiisa (Uma. 49:24, Far. 23:1-3) fi akkasumas Daawiti wajjin wal qabata, innis hoolota eeguu irraa Waaqayyoon kan waamame. Kunis carraa Masihii kan eeruu Far. 80:15-17 irratti baay’ee guddisa (mata-duree addaa ilaali, c).

Amala Waaqayyoo hubadhu.

1. Yoosefiin akka karra holootaatti kan geggeessu (Yooseef immoo eerameera Far. 77:15, 78:67 irratti)
2. Kirubeel irra kan teessu. Kun Bau. 25:22 irratti kan eeramee dha. YHWN fakkeenyummaadhaan Taboota kakuu qadaada araara irratti jiraata, Kirubeel lammaan gidduutti 1Sam. 4:42Sam . 6:2, Far. 99:1) kun samii fi waaqni kan ittiin walitti dhufu ture araaraa fi bakka ibsaatti!

“Kibubeliil” f mata-duree addaa ilaali: Kirubeel.

▣ “**Ni ibsa”** Xiyyafannoon kun, Waaqayyoodhaan kan lafaa, dhimma guyyaa guyyaa irratti Israa’eliif harka isaa galchuun Tabooticha irraa akka ifa olii dhufuutti kan inni ibsamu. Faarfannaa kana irratti faarfannaa jiru hubadhu (Far. 80:3, 7, 19) MPERATIVE VERB kan biraa (BDB 21, KB 24) ifa kan ibsu. Ifa faayidaadhaaf (baha dhi’oo durii) kan mul’ataa, kan fayyaa, fakkeenya fayyinaati. Kakuu moofaan yeroo hundumaa kan inni wajjin deemu ifa Tiyofanii wajji (qaamaan argamuu Waaqayyoo). Far. 50:2, 94:1 ilaali, akkasumas Shekanahi dumeessa ulfinaa, yeroo seera Ba’uutii fi bara lafa onaa keessa naanna’u (jechuun, Bau. 13:21-22, 23:9).

Waaqayyo ifa __ Isa. 27:1; Isa. 60:20; Mik. 7:8; Yaq 1:17; 1 John 1:5

Yesus ifa __ Isa. 9:2; Yoh. 1:4; 8:12; 12:35, 46

Amantootni ifa __ Matt. 5:14-16; Yoh. 8:12b

**80:2** Gaaffiin tokko tokkoo jiru, gosi kun qofti maaliif akka eeraman. Lak. 2:18-24 akka hubanuutti isaan kan buufatan wali wajjin, bakka godoo walargee gara lixaan, lafa onaa irra osoo deemaa jirani.

Efremii fi Minaaseen ijoollee Yooseef. Yooseefi fi Bini’amii haadha manaa jaallatamtuYaaqoob ijoollee Raaheliti.

Ijoolleen Yooseef guutuu guutuutti ijoollee guddifachaa ta’aniiru (jechuun, gosa kudha sadi) kanaaf gosa guddaa ta’e, mootummaan olomoon) Dhaloota Kristoos dura bara 922 yeroo qoqodamu. Isaanis tokkummaa geggeesitoota warra Kaabaa ta’an, Israa’el, Samaariyaa, yookiin Efreem jedhamee kan waamamu. Geggeesaan/Mootiin jalqabaa geggeesa gosa Efreem, Yirobi’aam 1.

Biniyaam tokkummaa Kibbaa, qaama Yihuudaa ta’e, baay’een isaanii Lewwootaa wajjin. Simoon duraan dursee Yihuudaa wajjin walitti dabalameera, kanaaf, inni saboota kakuu hundumaa karaa waabii ta’a.

**80:3** Faarfannaan kun (Far. 80:7, 19) kan inni argisiisu faarfannaan kun kan barreefame yeroo rakkina biyyaatti akka turee dha. Far. 77-80 Asaafiin yeroo seenaa wal fakkaataatti kan dhufe, egaa faarfannaan kun walitti dhufuu kan danda’uYihuudaan Babilooniin marfamuu wajjin, Nabukiadinastoriin. Inni yeroo baay’ee wereera (jechuun, Dhaloota Kristoos dura bara 605, 597, 586, 582), garuu ta’uu kan danda’u faarfannaan kun kufaati Israael wajjin akka walitti dhufu godhee ilaaluu danda’a, Dhaloota Kristoos dura bara 722, yeroo Samaariyaan kufteeti, waggaa sadiif Sooriyaan erga marfamtee booddee qayyabannaa kitaaba qulqulluu Yihuudi (fuula1372) kan inni jedhu inni jalqaba kan barreefameef kufaatii Samaariyaatiif, garuu irra deebiin hojjetameera, kufaati Yerusaaleem ilaalchisuun sababni isaa walitti dhi’eenya fi akkaata walqabiinsa hiddaan, Faarfannaa 79 wajjn, innis ifatti Dhaloota ristoos dura bara 586.

Faarfannaa dabalataati, kanaaf tokkoon tokkoon aanguu kan inni cufamuu wal fakkaataan. Ta’us, Far. 80:14 gosa tokko miti, gochi wal fakkaataan illee *Qal* malee *Hiphil miti*

.

## MACAAFA FAARFANNAA 80:4-7

**4 Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa hamma yoommiitti**
**Kadhata saba keetti aarta*?**
**5 Ati buddeena imimmaanii isaan nyaachifte,**
**Imimmaanis qodaa guddaatti akka dhugan in goote.**
**6 Sabni olla keenyaa nu irratti akka wal qoccolan goote,**
**Diinonni keenyas nutty in ga'isu*.**
**7 Yaa Waaqayyo isa kan maccaa, deebisii nu dhaabi!**
**Nuyi akka fayyinuttis fuulli kee nuuf haa ibsu!**

**80:4-7** Aanguun kun Waaqayyoon kadhachuu dha, Saba isaaf jedhee gidduu akka galu.

1. Amma yoomitti turta __ Gochi Waaqayyoo akka ta'u yookaan akka hin taane gaaffachuuf irra deddeebii dha (Far. 74:10, 90:13, 94:3, Fak. 1:22)
2. Nyaata imimmaani isaan nyaachiifta (fakkennoo cimaa, Far . 42:3, 102:9)
3. Imimaanis safaraan akka dhugan isaan goote ("Kutaan sadaffaan," BDB 1026 I, asitii fi Isa. 40:12 irratti)
4. Olla keenyaafis wal falmii nuu goote (Far. 44:13, 79:4, Hiz. 5:14, 22:4, Dan. 9:16)
5. Dinoonni keenya akka qoosan goote (nu irratti). TEV fi NJB "Dinoonni keenya nutti qoosani" kan jedhu LXX, duuka buu.

Isaan kun kan Israa'eel/Yihuudaa kauuf abboomammuu diduu fi bu'aa waaqa tolfamoo waaqeessuu sirrittii fallawwani, Waaqayyo akka isaan godhan kan inni barbaadu, olla isaanii orma, faayiidaa irraa (baha dhi'oo durii). Isaan jechuun ifa akka ta'aniif ture (Hiz. 36:22-23) garuu qoosaa ta'an (Far. 79:10, 115:2).

## MACAAFA FAARFANNAA 80:8-13

**8 Ati muka waynii biyya Gibxiitii buqqiftee fiddee,**
**Saba warra kaan isa duraa ooftee baaftee,**
**Isa immoo in dhaabde*.**
**9 Ati lafa isaa cirtee qulleessiteef, innis hidda gad**
**Fageeffatee biyyicha in guute.**
**10 Gaadiddiin isaa tulloota golge, damoonni isaas**
**Mukkeetii gaattiraa gurguddaa gaaddiseessaniiru.**
**11 Damoota isaa hamma galaanaatti, lataa isaas**
**Hamma laga Efraaxiisitti in diriirfate*.**
**12 Yoos immoo maaliif dallaa naannoo isaa ture diigdee,**
**Namni amma karaa sana darbu hundinuu mukicha**
**Irraa akka ciratu goote ree?**
**13 Bortoleen caakkaa keessaa ba'ee isa in balleessa,**
**Bineensi bakkee sana keessa adeemu hundinuus isa in nyaata.**

**80:8-13** Aanguun kun maasii wayinii saba kakuutiif akka fakiiduutti fayyadama.

1. YHWN isaaniin Gibxii dha fide (Uma. 15:12-21 irratti waadaa akka seene)
2. YHWHn gosoota warra Kana'aan mo'e (jechuun, Iyaasuuf mo'icha)
3. YHWHn lafatti gaarii biyyatti abdii sanatti isaan dhaabe

Eebbaawwan hafuuraa kana hundumaa illee yoo ta'es isaan amanammoo hin ture (Nah. 9, Faarfannaa 78). Kanaaf kan Lewoota 26 fi Kes. 27-30 abaarsa ta'e.

1. Eegumsa isaa (jechuun, dallaa maasii wayinii) hin dhabamsifame

2. Inni wereertootaaf heyyame Kana'aan irraa akka fudhataniif (Far. 80:12-13). Warri Israa'el cubbamoota Kana'aanoota keessaa akka baasan (jechuun, Uma. 15:12-21) akkasumas immoo amma cubbamootni saboota kakuu irraa dhabamsifaman.

**80:8 "Wayinii"** kun kan inni argisiisu saba kakuu hundumaati (Isa. 5, Hos. 10:1) yookaan waabi addaa mootummaa Kaabaatiif (Uma. 49:22).

**80:11 "Galaana __ laga"** kun kan inni argisiisu Meditiriyani dha, gara lixaati jedhee, akkasumas laga Efraxis ka'umsa bishaanii, gara Kaaba Bahaatti jedhe (Bau. 23:31).

## MACAAFA FAARFANNAA 80:14-19

**14 Yaa Waaqayyo isa kan maccaa, amma as gara gali,**
**Waaqa irraa gadi ilaali, ijaanis qabi! Muka wayni kanaaf dhimmi!**
**15 Muka harki kee mirgaa dhaabe kana, biqiltuu isa ofi keetiif**
**Guddifte kana eegi!**
**16 Ibiddaan isa gubaniiru, isa muraniiru; isaan immoo**
**Ifata fuula keetiin haa badan*!**
**17 Namicha isa harkii kee mirgaa jiraachise, ilmi namaa**
**Isa ofii keetii guddifatte, harka irra qabi!**
**Yommus nuyi matumaa si irraa gala hin gallu; nuyis**
**Maqaa kee in waammanna, ati jireenya nuuf kenni!**
**19 Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa, deebisii nu dhaabi,**
**Nuyi akka fayyinuttis fuulli kee nuuf haa ibsu!**

**80:14-19** Aanguun kun kadhata xumuraati (3 *Qal* IMPERATIVES OF REQUEST Far. 80:14) YHWHn sanyiiwwan Abirahaam irratti araara akka godhu.

Hiikni isaa gaaffii sirrii `isaan gochi Og-Waaqummaa akkamitti akka ta'u akka ilaalaniif.

1. Mootummaa cimaa nuuf deebisi (jechuun, biqiltuu [BDB 488, as qofatti kakuu moofaa irratti] yookaan wayini Far. 80:8, 14 irra kan jiru)
2. Kan addaa sanyii Daawit ergi (Far. 80:15, 17)
   a. Ati kan jabesiteen yookiin mucaa ati eegde (BDB 54)
   b. Nama harki kee jabeesse, mirga kee, nama ati jabeesite irratti (BDB 54, Far. 80:15 wajjin wal cina) ofi keeti (Far. 110:1)

Mallattoon kun maal akka eeru ifaa dha

1. Sanyii Israa'eel/Yihuudaa
2. Mootummaa Daawiit/Masihii (2Sam. 7 fi Armuus Targuum)

**80:17 "Harki kee"** mata-duree addaa ilaali: harka

▣ **"Mucaa namaa"** gaaleen kun Hizqeel irratti irra deddeebi'aadha. Asi gadi kan jiru yaada bal'aa koo (Komenteri) yaadannoo ilaali, Hizqeel irraa 2:1 irratti.

> "**Hiz. 2:1 "Mucaa namaa"** kun akkuma jiruutti "Ben-Adaam" dha (BDB 119 CONSTRUCT, BDB 9). Kunis Hizqeel irratti faayidaa irra oola, Hizqeeliin akka mucaa namaatti karaan ittiin ilaalan (yeroo 93, Far. 8:4). Hizqeel irratti Waaqayyo Hizqeeliin karaa ittiin dubbatuu dha. Gaaleen wal fakkaataan kun Iyoobii fi Faarfannaa irratti argama. Dan. 7:13 irratti jechi kun amala Og-Waaqummaa wajjin wal qabata "Mucaa namaa" kan fakkaatu, barootaan duratti akka dhufe (jechuun, Hafuura) dumeessa samii irra taa'e. Daani'el 7:13 Yesuus jecha kana ofi isaaf

imaanaaf kan itti fayyadame dha, innis namummaa hafuuraa wajjin wal fudhachiisee (jechuun, 1Yoha. 4:1-3). Gaalichi waan akkami biyyummaa yookaan hiika dachaa loltoota barsiisootaa hin qabu.

**80:18** Gaaleen kun abdiiwwan baay'ee tarreessa, faarfatichaan kan jedhaman, garuu saba kakuu irraan kan ka'e.

1. Achi irraas (jechuun, Waaqayyo gara isaanitti irra deebiin erga deebi'e booda, Far. 80:4) gara boodaatti hin deebifnu (jechuun, kufaati, BDB 690, KB 744, *Qal* IMPERFECT) si irraa
2. Jireenya nuu kenni/nu deebisi (BDB 310, KB 309, *Piel* IMPERFECT)
3. Waaqayyo cina isaanitti yoo hojjete, isaan ni hojjetu (BDB 894, KB 1128, *Qal* IMPERFECT) maqaa isaa mana qulqullummaa keessa

IMPERFECTS, fayyadama hubadhu, isaanis gocha itti fufiinsa qabu akka ibsan.

**80:19** Yaadannoo ilaali Far. 80:3 irratti.

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun kan inni ibsu weereraa? Akkas yoo ta'e, seenaa yoomessaa kam irra caalmaan wali gala?
2. Faarfannaan kun kan inni barreefameefi waa;ee Israa'eeliifi yookiin Yihuudaaf?
3. "Ifa" jechoota adda addaatii fi waabiiwwan tarreessi, ibsis.
4. Kan Far. 80:3, 7, 19 faarafannaa maqaa Waaqayyo irratti yeroodhaaf maaliif dabalama?
5. Ormootni fakiiduu biqiltuutiif maaliif yeroo hundaa eeramu?
6. "Masihii" argisiiftoonni faarfannaa kana irratti ni jiraatu, yookaan isaan hunduu kan eeraman waligalatti Ormootaafii?

# FAARFANNAA 81

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Gaarumaa Waaqayyoo fi rakkiso ta'u Israa'eel | Kadhata qalbi jijjirana Israa'eeliif | Seerrata waaqeffannaa ayyaanaatiif | Faarfannaa ayyaanaa | Ayyaana haaraaf |
| Seensa MT | | | | |
| Dura bu'aa faarfatootaa faarfannaa Geetiv Asaaf | | | | |
| 81:1-5 | | | | |
| | | 81:1-5b | | |
| | 81:1-2 | | 81:1-5b | 81:1 |
| | | | | 81:2-3 |
| | | | | 81:4-5b |
| 81:6-10 | 81:3-5 | | | |
| | | 81:5c-10 | | |
| | | | | 81:5c-7a |
| | | | 81:5c-10 | |
| | 81:6-7 | | | |
| | | | | 81:7b-8 |
| | | | | 81:9-10 |
| | 81:8-10 | | | |
| 81:11-16 | | | | 81:11-12 |
| | | 81:11-16 | | |
| | 81:11-12 | | 81:1116 | 81:13-14 |
| | 81:13-16 | | | |
| | | | | 81:15-16 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Wal falmii baay'eetu jira, kun kan eeru ayyana godoo yookaan Faasikaas akkasumas.

B. Targuma Tisher (Tishir) kan jedhu dabala, 81:3 irratti, kunis ji'a ayyaana godoo kan ta'e.

C. Faarfannaan kun ifatti kan eeru seera Ba'uu fi aara lafa onaati, kanaaf lammanuu Faasikaa fi ayyana godoo isaanis ta'a. Ani kan natty fakkaatu ayyanni godoo yookaan iddoo godoo bultiiti, kunis yaadannoo joormaa lafa onaa. JPSOA kan jedhu inni kan inni argisiisu "Bara haaraa" waaqeffannaa olol qabuuti. Rakkisaa kan ta'u, Far. 81:4 guyyoota adda adda lama waan eeru fakkachuu isaati (jechuun, ji'a jalqabaa fi ji'a walakeessa).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 81:1-5

**1 Waaqayyo aangoo keenya waan ta'eef, ililchaa!**
**Waaqayyo isa kan Yaaqoobitti gammaduu**
**Keessan dhageessisaa!**
**2 Faarfannaa jalqabaa, dubbisa rukutaa, maseenqoo**
**Namatti toluu fi kiraara dhageessisaa!**
**3 Baatii ji'aatti, goobana ji'aatti, guyyaa ayyaana**
**Keenyaattis fiinoo afuufaa*!**
**4 Inni kun Israa'eliif seerrata, Waaqayyo isa kan**
**Yaaqoob birattis wanta qajeelaa ta'ee fudhatamee dha.**
**5 Yeroo biyya Gibxii rukutuuf ba'e, inni abboommi**
**Isaaf dhuga ba'u ijoollee Yooseef gidduu dhaabe;**
**Anis sagalee dur hin beekne tokkoo nan dhaga'e.**

**81:1-5** Aanguun kun yaadachiisuu faarfattichaati, saba kakuu isaa, fayyisuu YHWH isa jabaatti akka gammadan, Israa'eliin harka garbummaati kan baase.

1. Gammachuun faarfadhaa_ BDB 943, KB 1247, *Hiphil* IMPERATIVE, cf. Ps. 32:11
2. Gammachuun ilil jedhaa _BDB 929, KB 1206, *Hiphil* IMPERATIVE
3. Faarfannaa kaasaa __BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERATIVE
4. Dibbee kennaa __BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE
5. Fiinoo afuufaa __BDB 1075, KB 1785, *Qal* IMPERATIVE

Wal jijjiruu jechootaa ilaala lak. 1 fi 2, lak. 3 fi 4 gidduu kan jiru

**81:1 "Waaqayyoo jabina keenyaaf"** "Jabina" (BDB 738) kan inni ittiin wal qabatu "Gargaarsa" wajjini dha (mata-duree addaa ilaali:amananaa) Waaqayyoon ibsuudhaaf (Far. 14:6, 46:1, 62:6-7). Abdii hordoftoota amanamoo, nagaa, fi gammachuu isa bira jira,

1. Dhamaatii dhuunfaan
2. Haloota irratti
3. Qabeenya foonii osoo hin taane

**81:3 "Dibbee"** meeshaan faarfannaa kun (BDB 1074) xiqqoo kan harkaan qabamu, waan geengoo ta'e gogaa beeladaan kan dhisamee dha. Innis shubbisa dubartootaa wajjin wal qabata mo'icha seera ba'uu irratti, BAu. 15:20 irratti (Dabalataanis Abo. 11:34, 1Sam. 18:6 ilaali).

**81:3** lakkoofsi kun of-eeggachiisa, Waaqayyoon bakkaa fi yeroo ta'uutti waaqessuun akka ta'u.

1. Adeessa haaraan __ Adeessa haaraa ilaalchisuun karaa Israa'el (BDB 294, jechuun, guutuu guutuutti dukkana Lak. 10:10, 28:11-15)
2. Adeessa guutuu (BDB409, jechuun, guutuu guutuutti ifa, fayyadama keessaniin asii fi Fak. 7:20 irratti kan argamu, innis walakessa ji'aa argisiisa)
3. Guyyaa ayyaanaa (guyyoota ayyaanaa baay'ee tarreessi, Ba'uu 23 fi Lewoota 23)

Bifa ajaa'ibsiisan sanbatawwan hin eeramne (1Sen. 23:31, 2Sen. 2:4, Hose. 2:11).

**MATA-DUREE ADDAA:Ba'a dhi'oo durii lakkooftuu guyyaa (kalander)**

▣ **"Fiinoo hafuufi"** meeshaan kun (BDB 1051) Bau 19:6, 19 irratti eeramera, Israa'el yeroo of qopheesitu, YHWN seera akka kennuufif. Kun irra deebin shaakala seera ba'uu kan eeru dha. Mata-duree addaa ilaali: Israa'eelif faayidaa irra kan oole gaanfa.

SPECIAL TOPIC: Ayyanoota Israa'el

**81:4-5 "Firdii__ seerrata__ ragaa"** jechootni kun YHWH Israa'eliif kan inni godhe ibsitootni karaa argisiisanii dha.

1. Firdii __ BDB 349
2. Seerrata __ BDB 1048
3. Ragaa __ BDB 730

Akkaata haala yaada barreefamichaatti isaan kun kan isaan argisiisa waa'ee guyyoota ayyaanaa ibsawwan (Seera Ba'uu 23, Lewoota 23). Mata-duree addaa ilaali: jechootni mul'ata Waaqayyoof.

Seerratni kun Far. 81:5c maal akka ta'e tuqaa isaa isa guddaa kan argisiisanii dha.

1. Dhuga-baatiin Yooseef YHWH irratti amantii inni qabu Gibxi keessa karaa inni ittiin adeeme
2. Dhuga-baatiin Musee YHWN irraa waa'ee dha'ichawwani raajiicha akka qoqoode
3. Qooqa warra Gibxi, innis warri Ibirootaa yeroo jalqabaaf kan hin hubanne
4. Seerratni YHWH, Israa'el kan dhiise (Far. 81:8, 11, 13)
5. Sagalee Waaqayyoo sodaachiisa, gaara Siina (jechuun, Far. 81:5c Far. 81:6 wajjin walitti dhufa) warra Ibirootaatti kan dubbatame, yeroo kanattis baay'een isaaniiwarra Israa'eeliin gargaaruu hin dandeenye, sababni isaa, sababni isaa afaan Gibxii waan dubbataniif. Akkas yoo ta'e , Far. 81:5c irra caalaan ramaddii tokkooffaa gocha qeenxee kormaa ti, innis YHWH kan ibsu.

**81:5 "Qooqa hin beekamne"** kun akkuma jiruutti ciigoo dha, yeroo Israa'eel Gibxii tureetti (Far. 114:1). Innis dabalataan Kana'aaniif darbachuu fi qabuuf faayidaa irra oolu danda'a

1. Siriyaadhaan __Kes. 28:49
2. Babiloon __Erm. 5:15

Hiktootni ammayyaa baay'een isaanii Far. 81:5c kan argisiisan 81:6 wajjin akka deemu dha, 81:5b wajjin osoo hin taane. Akkas yoo ta'e, inni kan inni argisiisu YHWH gaara Siina irratti akka dubbatuu dha (jechuun, Ibirootaan yookaan kakkawweedhan). Israa'eel sodaate ture argama sodaachiisa qaamanii YHWH, gaara Siinaa irratti (Seera Ba'uu 19-20).

Lakkoofsonni hafan YHWH yeroo dubbatuu dha kan isaan galmaa'aan (jechuun, Far.81:6-16).

## MACAAFA FAARFANNAA 81:6-10

**6 Innis, "Gatiitti isaa ba'aa jalaa nan baase,**
**Harka isaas guuboo baachuu nan dhiisise*.**
**7 Ati yeroo rakkinaatti in waammatte, ani immoo**
**Keessaa sin baase, golgaa dumeessa qaqawee qabu**
**Keessaa siif dhaga'eera; bishaan morkii sana si qoreera*.**

**[8]Dhaggeeffadhu yaa saba ko, ani waanan si gorsu qaba;**
**Yaa Israa'el, utuu anaaf dhageessee, attam gaarii dha!**
**[9]Waaqayyolii warra ormaa keessaa tokko illee si keessatti**
**Hin argamin, waaqayyolii warra kaaniifis hin sagadin*!**
**[10]Ani Waaqayyo gooftaa kee ti, anatu biyya Gibxiittii si baase**
**Afaan kee as qabadhu, ani immoo siif nan guuta.**

**81:6-10** Aanguun kun guduunfaa gochawwan simbo qabeessa YHWH ti, bara seera ba'uu fi yeroo lafa onaa keessa naanna'uu. Hundumaa  gocha kormaa ramaddii tokkooffaa qeenxee hubadhu! YHWH n kallattidhaan saba isaatti kan dubbatu.

1. Salphiseera ("Dhabamsiseera"), Far. 81:6 __BDB 693, KB 747, *Hiphil* PERFECT
2. Fayyiseera ("Fayyisuu"), Far. 81:7 – BDB 322, KB 321, *Piel* IMPERFECT with *waw*
3. Deebiseera, Far. 81:7 – BDB 322, KB 321, *Piel* IMPERFECT Waw wajjin
4. Nan qore, Far. 81:7 – BDB 103, KB 119, *Qal* IMPERFECT
5. Dhugaan bahaaf, Far. 81:8 – BDB 729, KB 795, *Hiphil* COHORTATIVE
6. Ani Waaqayyo gooftaa keeti, Far. 81:10 __ qooqa kakuu
7. Nan guuta, Far. 81:10 – BDB 569, KB 583, *Piel* IMPERFECT bifa COHORTATIVE faayidaa irra kan oole

Irra deebiin hubadhu

8. Dabarseen isaan kenne, Far. 81:12 – BDB 1018, KB 1511, *Piel* IMPERFECT Waw wajjin (cf. Rom. 1:24, 26, 28)
9. Ani ariifadhee sin mo'a, Far. 81:14
10. Sin nyaachiisa, Far. 81:16 – BDB 37, KB 46, *Hiphil* IMPERFECT Waw wajjin
11. Sin quufsa, Far. 81:16– BDB 959, KB 1302, *Hiphil* IMPERFECT

YHWN ni dubbata Far. 81:16 hanga 16 Lubaan yookiin karaa raajiitiin.

**81:6**  Lakkoofsi kun kan inni argisiisu balbaloota warra Ibirootaa hojii dirqamaati  (jechuun, Bau.1:8-14).

**81:7 "Yeeroo rakkinaatti na waamate anis sin fayyise,"** kun kan YHWH dubbii Musee kan eeruu dha, Bau. 3:7-10.

▣  **"Qilleensa dhokkataa keessaa sifan deebise,"** kun kan inni eeru kan Israa'el gaara Siinaa shaakala dha (Bau. 19:19, 20:18).

▣ **"Maribaati bishaan wal falmii biratti sin hike"** kun kan inni argisiisu shaakala Israa'el, Bau. 17:6-7 fi Lak. 20:13 irratti kan galmeefame. AB (fuula 265-266) sarara kana kan ilaalatu "ammam illee sin yoo tutuqee" kan jedhuu dha (Bau. 17:7; Lak. 14:22; 20:24; 27:14; Kes. 33:8; Far. 93:8-9). Isaan kun tokkoon tokkoon isaanii barreefamooni kan isaan kaa'an Israa'eel Waaqayyoon akka qoree dha, Waaqayyo Israa'eliin qoruu osoo hin taane.

Keessa deebii 33:8 waan deggeru kan fakkaatu MT Far. 81:7c dha, Waaqayyo Israa'eliin akka qore.

**"Seelah"** Yaadannoo ilaali Faarfannaa 3:2 irratti.

**81:8 "Dhaga'I"** kun *Qal* IMPERATIVE! Innis kan inni jalqabu walitti fufiinsa kan qabu waabiiwwan irratti, Israa'eliif deebii ta'u qabu, YHWHf ibsa (Nah. 9:34).

1. Utuu dhageessee __ Far. 81:8
2. Sabni koo nah in dhageenye _ Far. 81:11

3. Israa'el naa hin abboomamne __ Far. 81:11
4. Osoo sabni koo na dhaga'ee __ Far. 81:13

Derik Kidiner yaada bal'aa Tindale walitti fufaa irratti (fuula 326), kan jedhu "Saba koo na dhaga'I" dha, kadhata Sheemaa Kes. 6:4-6 eeruudhaan. Dhugaa ta'uu danda'a!

**81:9** Israa'eel ajajame ture, waaqa tolfamoo ormaa akka hin hojjenne yookaan duukaa bu'ee akka hin deemne (Bau. 20:3, 23). Warri Israa'el waaqa tolfamoo wal horuu warra Kanaa'aan bojii'amee ture. Kan Israa'eel kan adda ta'e faayiidaadhaan (Baha dhi'oo durii) tokkummaa ture, kunis danqaa kamiinu kan hin hiyyamne!

Qayyabannaa kitaaba qulqulluu Yihudii (fuula 1374) kan inni mirkaneessu Far. 81:9-10 kan Bau. 20:1-2, Kes. 5:6 kan eeru akka ta'ee dha, garuu gala galtoon duraa duuban (tartiibaa).

**81:10** kun kqn inni argisiisu YHWHn bishaanii fi nyaata kennuu isaati yeroo joormaa lafa onaa keessaa.

## MACAAFA FAARFANNAA 81:11-16

**11 "Sabni koo garuu sagale koo dhaggeeffachuu in dide,**
**Israa'eel yaada kooti galuu hin barbaanne*.**
**12 Isaan mata-jabeeyyii akka ta'aniif nan dhiise;**
**Yaada isaanii isa qopheessan duukaas in bu'an.**
**13 Sabni koo utuu anaaf dhaga'ee, Israa'el utuu karaa**
**Koo irra adeeme,**
**14 Silaa ani immoo dinoota isaa salphaatti nan guggufsisa,**
**Hamajaajii isaa irrattis harka koo nan garagalfadha.**
**15 Warri Waaqayyoon jibban isaaf in gugguufu,**
**Yeroon isaanis amma bara baraatti kanumaan dhumuu isaa ti.**
**16 Ani immoo qamadii isa caaluun sin soora,**
**Damma holqa kattaa keessaa ba'uunis sin quufsa" jedhe*.**

**81:11-16** Aanguun kun dhiiphaadhaan kaa'aa, Israa'eel kan inni godhe, YHWHn isaaniif gochuuf kan inni jedhun.

1. Seenaa fincila Israa'eel (Far. 78:17, 40)
   a. Hin dhageenye
   b. Hin abboomamne
   c. Laphee rakkiisaa qaba
   d. Yaada mataa isaaniitiin deeman
2. Deebii YHWH
   a. Firdii
      (1) Dabarsee isaan kenne (Far. 78:29, Isa. 6:9-10, Rom. 1:24, 28) hojii garaa isaanii, Far. 8:12
      (2) Dabarsee isaan kenne, yaada mataa isaaniitiin akka deeman, Far. 81:12
      (3) Abboommi warra hin kabajne irratti badiisa bara baraa dhiphinni jira, Far. 81:15
   b. Yaada isaa
      (1) Dinoota isaanii ni qaaneessa, Far. 81:14
      (2) Harka isaa dinoota isaani irratti naanneessa, Far. 81:14
      (3) Isaan nyaachisa
         (a) Qamadii gaarii ta'een (Kes. 32:14)
         (b) Damma kattaa (jechuun, nyaata gaarii lafatti, Kes. 32:13)
      (4) Isaan quufsa

# FAARFANNAA 82

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Firdiin haqa malessaa ta'e ni hifatame<br>Seensa MT<br>Faarfannaa Asaaf | Waa'ee kadhata haqaa | Seerratni firdii gooftaa waaqa tolfamaan | Bittaa olaanaa Waaqayyoo | Dhiibbaa firdii ormaa irratti |
| 82:1-4 | 82:1-4 | 82:1-4 | 82:1-4 | 8:1 |
| | | | | 82:2-3 |
| | | | | 82:4 |
| 82:5-8 | 82:5 | 82:5 | 82:5-7 | 82:5-7 |
| | 82:6-7 | 82:6-7 | | |
| | 82:6-7 | 82:6-7 | | |
| | 82:8 | 82:8 | 82:8 | 82:8 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Gaaffiin sirriin faarfannaa kanaa "Eenyuudhaaf bareefame?" kan jedhu.
   1. Murteesitootni warra Israa'eel (Eelohim faayiidaa irra kan inni oolu murteesitoota warra Israa'eliif, Bau. 21:6, 22:8-9, dabalataanis Targumi fi keessa iyyuu Far. 58:1)
   2. Murteesitoota waaqa tolfamaa (NRSV fi NJB dubbifamoota Far. 81:8 irratti eerameera) yookaan mootota waaqa tolfamaa kan waaqeessan(NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu, fuula 825)

3. Waaqa tolfamoo kan waaqessu (NET Kitaaba qulqulluu, fuula 953, AB, fuula 268, Hiz. 28:2-10 fayyadamuun, akka wal cinaa, fi Nidote, jildii 4, fuula 216)
4. Dura’bu’oota biyyaa (Kes. 4:19, 32:8, geggeesitoota warra ormaa, Dan. 10:13)
5. Ergama walitti qabama samii (jechuun, “Ijoollee Eelohim, Far. 8:5; 95:3; 96:4; 97:7; 138:1; Iyob.1:6; 38:7

B. Firdiwwan Eelohim (jechuun, inni tokkoo) firdiwwan Eelohimii wajjin wal faleessa (jechuun, murteesitoota yookaan ergamaa). Faarfannaa 82:7 ergamaa argisiisa!

C. Yesus faarfannaa kana fayyadameera, Yohaannis 10:31-38 irratti, achis inni kan ilaalate murteesitoota namaa akka eeruu dha. Akkan yaaduutti Yesus Faarfannaa 82 eereera garuu akkaatan eeru isaa Bau. 21:6; 22:8-9 ti dha. Tuqaan isaa “Eelohim” bifa heedduudhaan faayidaa irra ooluu akka danda’udha!
Qayyabannaan kitaaba qulqulluu NASB kan inni mirkaneessu Yesus kan beekamu hiika barsiisootaa kan fayyadame isa irratti kan ka’e komii doggogoraa argisiisuuf (fuula 825).

D. Innis kan fakkaatu waaqa tolfamaa Kana’aan mallattoo, kunis walitti qabama waaqa tolfamaa kan of keessatti qabatu, kan YHWH mirkaneessuuf faayida irra oleera
1. Amala safuu
2. Bittaa Univesaalii
Kakuu moofaan yeroo hundumaa kan faayidaa (Baha dhi’oo durii) fakkeenya fayyadama, dhugaa dabarsuuf, himtee waaqa tolfamaa dhugaa mirkaneessuuf (jechuun, [1] Jequumsa mo’eera, [2]Muka jireenyaa,[3]Maqaa waamichaa Gocha Ba’al, K.k f). Fakkeennoon dhugaa dabarsa, mucaa namaa kufe gidduu galeessumaan dhugaan qabatamaa gochuu karaa inni danda’u! YHWHn baay’ee guddaadha, namootni tilmaamuu kan danda’anii oli, isa irra adda ba’uun baay’ee ulfaataa dha!
` Isas sirritti beekuun rakkisaa dha kan faayidaa (Baha dhi’oo durii) fakkeennoo fi kan kitaaba qulqulluu, dhugaa Doktiriini maal akka ta’e. warri lixaa akkuma jirutti ilaalu irratti yeroo xiyyeefatan kitaabni qulqulluun immoo qulqullina Og-barruu qaba. Akkuma jirutti yeroo hundumaa haala gahaa ta’een yookaan sirritti yaada barreessaa jalqabaa dabarsuu dhiisuu danda’a.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 82:1-4

**1 Waaqayyo walga’ii waaqaa keessa in dhaabata,**
**Waaqayyolii gidduuttis inni firdii in dabarsa*.**
**2 Inni, “Isin hamma yoomitti jal’inaan faraddu?**
**Hamma yoomittis warra jal’ootaaf loogdu*?**
**3 Warra dadhaboo fi warra abbaan irra hin jirreef**
**Dhugaa baasaaf, warra gadadamoo fi warra homaa**
**Hin qabne qajeellootti ilaalaa*!**
**4 Warra dadhaboo fi warra waan barbaachiisa dhaban furaa,**
**Harka warra jal’ootaa keessaas isaan oolchaa” in jedha.**

**82:1 “Waaqayyo”** kun Eelohim kan jedhu maqaa dha (BDB 43, mata-duree addaa ilaali: maqoota hafuuraa). Innis lakkoofsa kana irratti yeroo lama faayidaa irra ooleera, akkasumas irra deebi’ee Far. 82:6 fi 8 irratti.
Jechi wali gala Eel (BDB 42) maqaa hafuuraa baratamee dha, Faayidaan, (Baha dhi’oo durii).

▣ **"Ejjennoo isaa qabata"** asitti, jechi kun (BDB 662, KB 714, *Niphal* PARTICIPLE) faayidaa irra kan oole Eelohimiif (inni tokkoo, keeyata qeenxee fayyadamuudhaan) ejjennoo aboo qabachuudhaan (jecha wal fakkaataan faayidaa irra ooleera "Guutuu guutuutti to'achuu" kan jedhu, 1Sam. 19:20 irratti) "Eel walga'I amantoota irratti." Kunis walga'ii Waaqa irraa argisiisa (1Mot. 22:19; 2Sen. 18:18; Iyob. 1:6, 2:1), ta'uu kan danda'u

1. Ergamoota waaqeffatan
2. Saba ergamootaa, Kes. 32:8; Far. 89:5-8; Isa. 6:1; 24:19
3. Tajaajilaa ergamootaa, Iyob. 38:7; Dan. 7:9-10

**82:2-4** Isaan lakkoofsonni kun fedha YHWH mul'ate bakka bu'u Pentatiyochidhaan (jechuun, Uumamaa-Keessa deebi). Dubbataan YHWH dha, Far. 82:2-4 irratti.

1. Cubbamootaaf garee isaanii ta'uu hin argisiisin (Lew. 19:15; Kes. 1:17;16:19, kunis kan ta'e YHWHn osoo hin loogiin waan faraduuf, Kes. 10:17)
2. Isa dadhabaa deggeri __BDB 1047, KB 1622, *Qal* IMPERATIVE
3. Haadha hiyyeesaatiif faradaa ( bifa IMPERATIVE lak. 2 Kes. 24:17)
4. Isa rakkataaf faradaa __BDB 842, KB 1003, *Hiphil* IMPERATIVE
5. Isa gadi deebi'aaf faradaa __ bifa IMPERATIVE lak. 4 irraa
6. Isa dadhabaa oolchaa – BDB 812, KB 930, *Piel* IMPERATIVE
7. Isa rakkataa oolchaa – bifa IMPERATIVE lak. 6 irraa
8. Harka cubbamaa keessaa oolcha (Far. 82:2b wajjin gara boodaatti wal qabata) – BDB 664, KB 717, *Hiphi* IMPERATIVE

Firdii namaa, firdii warra Israa'elis yoo ta'e, bifa haqa qabeessa hin taaneen hojjetu, firdii isaani irratti. Walumaa galatti isaan finciltoota ergamootaatiini fi dhiibba kufaati jala jiru. Far. 82:5-7 kan inni argisiisu sirrii kan hin taane gocha ergamootaati, akkasumas firdiin Waaqayyo isaan irratti (82:7a).

**82:2** Ifa kan ta'ee dhiibbaa qinda'aa ifaa ta'e qaba Eelohimiin (jechuun, Waaqni dhugaan tokkoo) fi abbaa lakkoofsa baay'ee Eelohim (jechuun, walga'ii ergamootaa) gidduu. Kunis kan inni argisiisu saba ergamootaa akkasumas YHWHn Israa'eliif kan inni godhe ibsa kakuu akka callisanii dha, keessumatti human kan hin qabnee fi kutaa saba isa rakkaataa. Waaqayyo mucaa namaa in jaallata, bifa isaatti kan uumaman ijoollee namaa hundumaa!

▣ **"Loogii argisiisu"** gochamni kun (BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERFECT) akkuma jirutti "Fuula dhowwachuu." Innis nama hubachuudhaa fi simachuuf karaa argisiisuu dha (Uma. 32:20; Iyob. 42:8-9). Ta'us, abbaa murtiitif inni kan ta'u qabu isa tokkootti araara argisiisu yookaan loogii dha akkasumas balaaleffachuu (Kes. 1:17; 16:19; Lew. 19:15; Iyob13:8; 32:21; 34:19; Fak. 17:15; 18:5; 24:23; 28:21).

▣ **"Seelah"** Faarfannaa 3:2 irratti yaadannoo ilaali.

## MACAAFA FAARFANNAA 82:5-8

**5 Isaan beekumsa yookiis hubannaa hin qaban,**
**Dukkana keessa in deddeebi'u; hundeen lafaa hundinuu raafamaa dha!**
**6 Ani illee, "Isin Waaqayyolii dha, isin hundumti keessan ilmaan isa**
**Hundumaa gararaa jiruuti' jedhee dubbadheera*.**
**7 Haa ta'uu iyyuu malee, isin akka namootaa in duutuu warra**
**Gurguddoota keessaa akkuma isa tokkoos in kuftu" jedhe.**
**8 Saba hundumaa kan kee waan godhateef, ka'i**
**Yaa Waaqayyo, biyya lafaaf firdii kenni!**

**82:5-8** Aanguun kun nama kan eeru ta'uu hin danda'u, haa ta'uu malee ergamaa kan eeruu dha.
1. "Hundee lafaa hundumaa ni raafaman"
2. Isin waaqollii dha (jechuun, Eelohim)
3. Ijoollee isa guddaa (mata-duree addaa ilaali:Ijoollee Waaqayyoo [Uumama 6])
4. Akkuma namaati duutu
5. Akkuma dura taa'aa keessaa isa tokkootti in kuftu ("Dura- taa'aa" saba ergamootaaf faayidaa irra oolera, Dan. 10:5; 20 irratti, haa ta'u malee namoonni Isa. 3:13-14)
6. Lafa irratti in faradu…ormoota hundumaa in dhaalu

**82:5** Faarfannaa irratti kan argamu amala isaanii
1. Hin beekan
2. Hin hubatan
3. Dukkana keessa deddeebi'u

Isaan kun, kan akka Far, 82:2-4 warra Israa'eel argisiisu danda'u. Sababa kanaatiif yaada kennitootni tokko tokkoo "Eelohimiif kan fudhataniif, Far. 82:1b fi 6a irratti, dura bu'oota namaa akka eeru (Bau. 21:6, 22:8-9). Akka natty fakkaatuutti ragaa wali galaa saba ergamootaati.

Far. 82:2-4 YHWHn yeroo dubbatu kan argisiisu yoo ta'e Far. 82:5-7 eenyudha kan dubbate? Faarfatticha mataa isaa ta'uu qaba, akka faarfannaa 82:6, 7 fi 8 haala jecha jalqabaatiin, walumaa galatti, kan gaaffatu fakkaata. Ta'us, dirqamatti fudhachuu kan qabu, isaan immoo jecha kan YHWH mataa isaa callaqisiisu danda'u (kitaaba yaadannoo UBS fuula 730).

▣ **"Dukkana keessa keessa deddeebi'u"** "Deddeebi'uu" gochamni jedhu (BDB 229, KB 246, *Hithpael* IMPERFECT) gocha akkaatee jireenyaa ibsa.

"Dukkana" kan hamaa yookaan mul'ata Waaqayyoo fakiidu tuffachuu ti. Yaad-rimeen isaa ciigoo baay'eedhaan ibsama.
1. Karaawwan dukkanaa – Fak.. 2:13; 4:19; Isa. 9:2; 50:10; Yoh 3:19-20
2. Hojjiiwwa dukkanaa– Job 24:13-17; Jer. 23:12
3. Dukkana keessa deddeebi'u– Deut. 28:29; Job 5:14; 12:25; Isa. 59:9-10
4. Ifichaan dukkana jechuu– Job 17:12; Isa. 5:20

Kan hafuuraa ta'ii jedhamee jaamaa ta'uun sodaachiisa dha. Lammanuu ergamoonni fi namoonni ta'I jedhanii ilaaluu dhiisuu filatu (Isa. 24:21)! Isaani ofii isaaniiti ija hafuuraa isaanii baleessu!

▣ "**Hundeewwan lafaa hunduu ni raafaman"** kun bifa lammaan fudhatamu danda'a.
1. Bu'uurawwan safuu, Far. 11:3; Isa. 24:7-13; keessa iyyuu Far. 82:18
2. Bu'uurawwan foonii, Far. 93:1; 96:10; 104:5

**82:6 "Ijoollee isa guddaa"** Mata duree addaa ilaali: ijoollee namootaa, achitis gaalicha Uumama. 6 irratti kanan ibse. Achittis immoo ergamaa kan eeru natty fakkaata.

"Isa guddaa" mata-duree addaa ilaali: Maqaawwan hafuuraa.

**82:7 "Kufaatii"** AB akka mirkaneessutti, kun kan inni argisiisu gara si'oolitti kufuu dha, kanaaf Isa. 14:12-15 fi Hiz. 28:1-10 akka fakkeenyaatti itti fayyadamu (fuula 270). Irra deebinis, ergamaan (jechuun, seexana) fi nama (jechuun, mootii Baabilooni fi mootii Xiiroos) gidduu jequumsa jiru hubadhu. Asi iciititu jira! Kakuu moofaan fakkeennoo, sadhatawaa, fi cigoowwan fayyadama, warri ammayyaa guutuu guutuutti hubachuu karaa isaan hin dandeenye. Faayidaan(baha dhi'oo durii) addunyaa hafuuraa fi addunyaa foonii gidduu qoqqoodinsi hin jiru.

**82:8** Isaan kun kan xumuraa *Qal* IMPERATIVES lama ("Ka'I" fi "Faradi") karaa hundaan (Universaal) xiyyaafannoo qabu. Waaqayyo uumaa qofa miti garuu immoo abbaa seerattis malee. Inni uumama hundumaa irratti in bita (Far. 2:8, Mul. 11:15).

Yesus uumama irratti YHWH wajjin akka hojjete (Yoha. 1:3;10, Rom. 11:36, 1Qor. 8:6, Qol. 1:16; Ibr. 1:2), inni immoo Firdii irratti YHWH wajjin hojjeta (Yoh. 5:22-23,27; 9:39; HoE. 10:42; 17:31; 2 Tim. 4:1; 1Phex.4:5).

Kan xumuraa jechi, *Qal* IMPERFECT dha *Qal* IMPERATIVE osoo hin taane. Innis kan inni mirkaneessu YHWHn bittuu isaati, akka bituu osoo hin taane. Innis dubbii dhugaati!

Hiikni ergamaa dhugaa yoo ta'e (kanaaf shakkiin muraasni jira, Yesus irraa kan Yoh. 10 fayyadama irra kan ka'e), egaa faarfattichi kadhachaa jira, YHWHn waaqefannaa waaqa tolfamaa yookaan ergamaa sabaa akka mo'u, jedhees seerrata qajeelinaa isaa hundumaa irratti akka buufatu, jalqabatti Eedenitti akka godhe (kufaatii, bishaan badiisa, fi/yookaan siidaa Babi'eel dura). Guyyaa tokko akkas ta'a (1Qor. 15:24-28)!

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Yaad-rimee wal ga'ii samii ibsi. Yesus kan inni dhaabe qulqulloota irraa yookaan ergamoota hamoo dha?
2. "Eelohimi" fayyadamoota adda addaa lama ibsi.
3. Qabiyyeewwan faarfannaa kanaa jechuun waa'ee "Namootaa" kan isaan argisiisanii fi waa'ee "Ergamaa" kan argisiisan tarreessi.
4. Maal jechuu keessanii, Waaqayyoo kan safuu Universii uumeera yeroo jennu?
5. Faarfattichii fi Yesus Far. 82:6 karaa wal fakkaataan itti fayyaadamuu?
6. "Dura buutoonni" eenyuufaa dha, Far. 82:7?
7. Kan Far. 82:8 dhiibbaan Universii kutaa faarfannicha hafee wajjin akka walii galuu ibsi.
8. Qulqulluun sagalee isaa kan faayidaa (Baha dhi'oo durii) mallattoo fi himtee fayyadamaa?

# FAARFANNAA 83

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo dinoota isaa akka jonjeessuuf kadachuu<br>Seensa MT<br>Faarfannaa Asaaf | Israa'eel irratti gocha godhamu akka rukkutamuuf kadhata | Kadhata dinoota biyyaa irraa oolu | Kadhata qaanii dinoota Israa'eliif | Dinoota Israa'el irratti |
| 83:1-8 | 83:1-4 | 83:1-8 | 83:1-4 | 83:1-2<br>83:3-4 |
| | 83:5-8 | | 83:5-8 | 83:5-8 |
| 83:9-12 | 83:9-12 | 83:9-12 | 83:9-12 | 83:9-12 |
| 83:13-18 | 83:13-18 | 83:13-18 | 83:13-18 | 83:13-18 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xvi irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. (Dubbisa marsaa 3 fuula. Xvi) Hirama gulumoowwan keetii  iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

**AKKAATAA QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. YHWHn saba kakuu isaa wajjin walitti dhi'eenya dhi'oo qaba. Kan faayiidaa (Baha dhi'oo durii) sabootni naannoo Israa'eloota miidhuuf karoorsuu isaaniitiif hidhuu isaanii, isa miidhuudhaaf akka hidhuutti (Far. 83:12 irratti yaadannoo jiru).

B. Saboota baay'eedhaa fi firootni sabaa eeramaniiru.
   1. Eedoom
   2. Isma'eloota
   3. Mo'aab

4. Aggaar
5. Gebaal
6. Amoon
7. Ameleq
8. Filisxeem
9. Xiroos (jechuun, Fiinqee)
10. Asoor
11. Midiyaam (Lak. 11-14 kan inni eeru ta'ii Israa'elootaa darbee dha, yeroo YHWHn isaan gargaareetti)
12. Sisaaraa fi Jaabin
13. Oreebii fi Zeek
14. Ebaahi fi Silmaanaa

C. Faarfannaan kadhataa kun (IMPERATIVES 5) badiisa diinota Israa'eliif, amala kan godhate IMPERFECTS, bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole.
   1. Far. 83:1 __ lama ibsameera garuu sadii faayiidaa irra ooleera
   2. Far. 83:15-18 __ ja'a (sadeet ta'uu danda'u, Far. 83:15 wajjin)

D. Faarfannaan kun maqoota baay'ee hafuuraaf itti fayyadama.
   1. Waaqayyo, Far. 83:1a, 12b __Eelohim (BDB 43)
   2. Waaqayyo, Far.83:16 __ Eel (BDB 42)
   3. Waaqayyo Far. 83:13a __ Eelo'a'I (BDB 43)
   4. Goofta, Far. 83:16b, 18a __ YHWH (BDB 217)
   5. Inni guddaan, Far. 83:18b __ Eli'oon (BDB 751)

   Mata-duree: Maqaawwaan hafuuraa

E. Faarfannaan kun cimina qaba
   1. Dhiibbaa abbaa Wangeela (jechuun, Far. 83:16b, 18)
   2. Xiyyaafannoo Universii (Far. 83:18b)

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MACAAFA FAARFANNAA 83:1-8

**1 Yaa Waaqayyo, gab hin jedhin, calluma hin jedhin,**
**Akkasumatti nu hin ilaalin, Yaa Waaqayyo!**
**2 Kunnoo, dinoonni kee dheekkamanii in wacu,**
**Warri si jibbanis mataa isaanii ol qabataniiru;**
**3 Isaan saba kee irratti mala qopheessan,**
**Warra golgaa kee jala jiran irrattis in mari'atan*;**
**4 Isaan, "Deebi'anii saba akka hin taaneetti, kottaa**
**Lafa irraa isaan in haxoofnaa! Maqaan Israa'el**
**Deebi'ee hin yaadatamin"! jedhan.**
**5 Isaanoo yaada tokkoon waliif galan,**
**Si irratti ka'iuufif waliif kakkatan;**
**6 Godoowwan Edoom, warri Ismaa'eel, warri Mo'aabii fi Aggaar,**
**7 Warri Gebaalii fi Amoon, Amaaleqis, biyyi Filisxiyaa,**
**Warra mandara Xiroosi waajin ka'an.**
**8 Warri Asooris immoo ilmaan Looxiif irree cimaa ta'aanii**
**Isaan sanatti dabalaman.**

**83:1-8** aanguun kun kan inni eeru saboota naannoo gocha sirrii hin taanee dha. Faarfattichi ni gaaffata, Waaqayyo karaa Israa'eliin akka godhuuf.

1. Cal hin jedhin – BDB 198, gochamni kamuu hin jiru garuu lak.2, Lak.3 wajjin wal cina dha
2. Gab hin jedhin– BDB 361, KB 357, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole, Far. 28:1; 35:22; 50:3; 109:1
3. Calluma hin jedhin– BDB 1052, KB 1641, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayida irra kan oole

Sabootni naannoo wereeru isaanii karoorsuu fi hoji irra oolchuu isaanii (Far. 83:2-8) saboota kakuu isaa YHWHn caal jechuu isaan akka ajaa'ibsifatan godheera.

Gocha saboota naannichaa hubadhu.

1. Iyyaniiru – BDB 242, KB 250, *Qal* IMPERFECT, Far. 46:6 akkasumas baay'ee wal fakkaataa dha Far 2:1-2
2. Ol of qabaniiru (mataa isaanii kaasaniiru)– BDB 669, KB 724, *Qal* PERFECT, Abo. 8:28; Zak. 1:21
3. Jal'inaan karoorfataniiru – BDB 791, KB 886, *Hiphil* IMPERFECT, as qofatti *Hiphilin* kakuu moofaa irratti
4. Bakka tokkootti hidheera– BDB 419, KB 421, *Hithpael* IMPERFECT, "xiyyaafannoo cimaan" faayiidaa irra kan oole 2Sen. 30:23
   a. Kottu– BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
   b. Isaan haxaa'I __BDB 470, KB 469, *Hiphil* IMPERFECT bifa COHORTATIVE faayidaa irra kan oole, Far. 74:8
   c. Lammaffaa maqaan Israa'eel akka hin yaadamne __ BDB 269, KB 269, *Niphal* IMPERFECT, innis ciigoo badiisa walii galaatii fi du'aa kan ta'e

Guduunfaan tarreefama kanaa Far. 83:5 irratti ka'aameera. Israa'eeliin miidhuun YHWH miidhuu dha, Far. 83:2, Far. 2:2, 74:18, 23.

**83:3 "Sabni kee… kan kee kan gallatefaman"** ibsi lammaffaan (BDB 860, KB 1049, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE) hiikawwan yaadamu qaban lama qaba BDBn.

1. Galmee (JPSOA), Bau. 19:5; Kes.7:6; 14:2; 26:18
2. Waaqayyoo wajjin kan dhokfame, Far. 27:5; 31:21

NKJV "da'oon tokkoo" kan jedhu qaba (lak.2), NJBn garuu "Ati kan kunuunsitu" kan jedhu yoo qabatuu (lak. 1).

**83:4b "Maqaa Israa'el"** kun saba karaa ittiin eerani dha (Far. 83:4a).

"Israa'el" maqaan jedhuu hiika mata-duree addaa ilaali: Israa'el (maqaa isaa).

**83:5 "Kakuu"** mata-duree addaa ilaali: kakuu.

**83:6 "Godoowwan…"** kun yeroo kan biraa ciigoo ta'ee dha, Israa'el "Godoo" keessa yeroo jiraatuutti, garuu yeroo kanatti baay'een isaanii kan jiraatan magalootaa fi gandoota keessa ture, mana dhaabbataa fooyya'aan.

Fillannoon kan biraan inni sabaaf cigoo ta'uu isaati (Far.74:51, 120:5).

AB (fuula 274) cittuu maramichaa eera, Masadaa dha kan argame, "waaqa tolfamoo Edoom…" kan jedhu qaba. Kunis karaa fooya'aan wali gala, "Irree" kan jedhu Far. 83:8 irratti fakkeennoo jiruu wajjin. Innis immoo karaa fooyaa'an wal qabata saba ergamootaa wajjin, Faarfannaa82 irraa. AB ni tarreessa Yga'el Yardiin, baruullee barbaacha Israa'el, 15 (1965), 104, gaalicha akka bakka Mayaatti.

**▣ "Edoom"**

Mata-duree addaa: Edoomii fi Israa'el

▣ **“Warra Ismaa’el”** kun kan inni argisisuu sanyii Ismaa’el, mucaa jalqabaa Abirahaam Aggaar irraa (Uma. 25:12-16). Isaan gosa Arabaa ta’aaniiru.

▣ **“Mo’aab”** saboota lamaan keessaa isa tokkooffa dha Looxii irraa fi ijoollee durbaa isaa irraa kan dhalatan (Uma. 19:30-38, keessaa iyyuu Far.83:37).

▣ **“Warra Aggaar”** kun gosa Ismaa’eel irraa ta’ee dha, 1Sen. 5:10; 18-22 irratti kan eerame irraa. Maqaan isaa “Aggaar” dhufee ta’uu danda’a, haadha Ismaa’eel Gibxii. Isaan jiraachaa kan turan baha Ka’aan ture, kanaaf kutaan gosichaa tokko tokkoo baay’ee gara kibba bahaatti jedhu.

**83:7 “Gebaal”** (BDB 148, KB 174) waabiiwwan yaadaman lama qabaachuu danda’u.

1. “Gaara” jecha jedhu irraa, argisiisu kan danda’u naannoo daangaa Yordaanoosi, Peetira cina, achis gosa Araaba wajjin kan wal qabatu
2. Warra Fiinqee irraa daangaa galaanaa durii akkaata maqaa magaalaatiin, fi kanaaf, Xiroos wajjin wal cina ta’eera (Far. 83:7b), booda irratti Bayibiloos jedhamuun kan beekamu

▣ **“Amoon”** Yaadannoo Mo’aab ilaali, Far. 83:6 irraa.

▣ **“Amaaleq”** sanyii Esahu, innis dura taa’aa Edoom ture (Uma. 30:15-16). Isaan keessaa iyyuu Israa’eliitti rakkoo kan uuman turan, yeroo lafa onaa keessa naanna’uutti (Bau. 17:8; Lak. 24:20; Kes. 25:12-19. Saa’ol isaaniin akka balleessuuf ajajamee ture (1Sam. 15).

▣ **“Filisxeem”** Warri Filisxeem walummaa galatti Girokoota turan biyya bishaan gidduu Ajiyaa irraa. Isaan qofti firoota sabaa turan, kutaa addunyaa sana keessaa kan dhaqna hin qabanne, Isaan walii galatti humna hidhatoo turan, jaarraa kudha lamaffaatti Dhaloota Kristoos dura Gibxiin miidhuufyaalii kan godhan, garuu kan mo’aman. Achi irraas Xilisxi’eem kibbaa daangaa galaanaatti buufatan. Isaan magaalaa gurguddoo sahan qabu turan, Iya. 13:3 irratti daarii isaanii kan waliin ga’e: Gaaza; Ashdood; Asqeloonaa; Gaad; fi Ikiroon. Isaan irra guddaan isaanii rakkoowwan loltootaa turan, bara abboota firdii hudumaatti, akkasumas bara bittaa Saa’oolii fi Daawitiit. “Filisxeem” maqaan jedhu kan inni dhufee “Palistayiin” jecha jedhuu irraati.

▣ **“Xiroos”** kun kan beekamee buufata galaanaati, bittaa bal’aa warra Fiinqee (impayer), Israa’eel irraa gara Kaabaati. Magaalaa guddiitti durii “Sidoona” ture (akkasumas Geebal irraa kan durii ta’uu danda’a).

▣ **“Asoor”** bittaan guddaan bal’aan kun (Impaayera) ture, kan Xegroos/Efraxiis. Innis cimaa ture Dhaloota Kristoos dura bara 900 hanga 609 naannoo gidduu galeessatti, magaalaan guddoon Naannawween yeroo kuftu (Naahom). Mata-duree addaa ilaali: hidha humna warra Mesopotamiyaa (qayyabannaa) (Asoor, Babiloon, Pershiyaa).

Eeramu Asoorii fi Babiloon eeramuu dhiisuun isaa faarfannaan kun yoom akka barreefame guyyaa isaa ka’umsa kan kennuu dha.

**83:8** Warri Asoor gargaaraa ta’e ture (“Irree”) saboota naannoo Yordaanos, isaanis kan Looxii fi sanyii ijoollee isaa lammanii kan ta’an (Uma. 19:30-38).

1. Mo’aab
2. Amoon

▣ **“Seelah”** Yaadannoo ilaali: Faarfannaa 3:2 irratti

## MACAAFA FAARFANNAA 83:9-12

**9 Warra Miidiyaan akkuma goote, laga Qiisonitti**
**Siisaraa fi Yaabiinin akkuma goote, isaan kanas akkasuma godhe*!**
**10 Isaan kun mandara Endooritti balleeffamanii, reeffi isaanis**
**Tortoree lafaaf xaa'oo ta'e;**
**11 Gurguddoota isaanii akka Oreebii fi, akka Ze'eeb,**
**Angafoota isaaniis akka Zeebaa akka Xaamunaas godhi*!**
**12 Isaan warra, "Kottaa, biyya Waaqayyo iddoo buufata**
**Isaa godhate, ofii keenyaa in fudhannaa" jedhanii dha.**

**83:9-12** Aanguun kun yeroowwan sanatti warri Israa'eel isaan yaadachiisa, argamuu YHWH fi gargaarsa, yeroo darbaniitti wereertooni lafa ISraa'eel fudhachuudhaaf yeroo saado godhaniitti .

1. Akka Midiyaam __ Abo. 7:22
2. Sisaaraa fi Iyaabuus __Abo. 4:22-23
3. Heereb fi Zeeb __ Abo. 7:25
4. Zabiheel fi Silmaanaa __ Abo. 8:21

**83:10 "Akka xaa'oo lafaa"** kun kan inni argisiisu lakkoofsa baay'ee kan qabu qaama du'aati, waraanaan booda. Awwaalcha seeraan alaa yookaan bineensaan nyaatamuu kan bu'aa (baha dhi'oo durii) namoota jeeqa (2Mot. 9:37; Far. 79:2-3; Erm. 8:2; 22:19; 36:30).

▣ **"Ayendoor"** bakki kun yeroo Basa'eelitti eermeera, kitaaba Abboota firdii irratti osoo hin taane. NEB Ayinharod kan jedhuutti jijjira, innis Abo. 7:1 irratti kan eerame, kanaaf Far. 83:9-11 wajjin waabii seenaa isaan kan wal simu (jechuun, Abo. 4-8). Pirijektii barreefamaa UBS (fuula 341) Ayinedorii sadarkaa "A" kennee fi sireefama isaa dhiisa. Ammam illee yoo hin eeres, inni bakka waligalaa irratti jiraata (Iya.17:11).

## MACAAFA FAARFANNAA 83:13-18

**13 Yaa Waaqayyoo ko, akka awwaara bubbeen garagaggalchuu,**
**Akka habaqii qilleensi fuudhee adeemuus isaan godhi!**
**14 Akkuba abiddi caakkaa gubu, akkuma boba'aan tulluu araabee darbu,**
**15 Atis akkasuma bubbee keetiin isaan duukaa bu'I ari'adhu,**
**Qilleensa kee isa jabaadhaan isaan naasisi!**
**16 Hamma isaan maqaa kee Waamachuu bira gaaanitti,**
**Lafa isaan ilaalchisi, yaa Waaqayyo!**
**17 Haa yeellaasifaman, bara baraan lafa lixan ha dhaban!**
**Qaana'anis haa balleeffaman!**
**18 Maqaan kee "Isa Jiraataa" akka ta'e, ati kophaa kee**
**Guutummaa biyya lafaa irratti gooftaa isa hundumaa**
**Gararraa jiru ta'uu kees haa beekan!**

**83:13-18** Aanguun kun kadhata YHWH ti, Firdiin akka hojjetu karaa Israa'eelin.

1. Isaan godhi __BDB 1011, KB 1483, *Qal* IMPERATIVE
   a. Akka awaaraa qileensa duratti akka habaqii, Isa. 17:13, 29:5, 41:15-16
   b. Qilleensa duratti akka habaqii, Isa. 17:13
   c. Abiddi akka caakkaa gubuu
   d. Boba'aan akka tulluu araabe darbu

2. Isaan ari'adhu __BDB 922, KB 1191, *Qal* IMPERFECT bifaJUSSIVE faayidaa irra kan oole
3. Isaan naasiisi– BDB 96, KB 111, *Piel* IMPERFECT faayidaa irra kan oole
4. Fuula isaanii qaaniidhaan guuti– BDB 96, KB 111, *Piel* IMPERFECT faayidaa irra kan oole
5. Haa yeela'an __BDB 101, KB 116, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole
6. Haa raafaman– BDB 96, KB 111, *Niphal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayiaa irra kan oole
7. Gadi haa deebi'an _ BDB 344, KB 340, *Qal* IMPERFECT bifaJUSSIVE faayidaa irra kan oole
8. Haa badan _ BDB 1, KB 2, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole

Kan biroon dabalata lama qabu, kaayyoo barbaachiisaa firdii kan argisiisan, kunis ormootni YHWH waaqeesudhaaf akka dhufan kan hubatan (mata-duree addaa ilaali: karoora oolchuu bara baraa YHWH).

1. Maqaa kee haa barbaadaaniif, yaa Waaqayyo – BDB134, KB 152, *Piel* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole (Far. 83:16)
2. Guutummaa lafaa hundummaa irratti ati qofti guddaa akka taatee haa beekaniif __ – BDB 393, KB 390, *Qal* IMPERFECT bifa JUSSIVE faayidaa irra kan oole (Far. 83:17)

**83:17** wal cinaa hubadhu "Bara baraan" fi "Jiraataa" gidduu kan jiru. Kunis Far. 83:4 irratti callaqisa, achitti ormoonni Israa'eel beekamtii akka hin qabanee kan barbaadan!

**83:18 "Guutummaa lafaa hundumaa irraati"** kun qabiyyee Universii faarfannaa Asaaf irratti kan baratamee dha! Innis ifaa kan ta'ee tokkummaa guduunfaa barbaachii dha (mata duree addaa ilaali: tokkummaa).

## GAAFFILEE MAREE

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Faarfannaan kun kan inni callaqisiisu tokkummaa ormootaa weerera seenaa ti yookaan suuraa?
2. Far. 83:1 sodaa fi jeequmsa Israa'eel akkamgodhee ibsuu danda'a?
3. Far. 83:4-5 karoora oolchuu bara baraa guddaa YHWH wajjin akkamitti walitti dhufa? Yaalii seexanaa qabaa, hojii oolchuu Waaqayyoo kan danquu?